

ATI MACAAFA QULQULLUU HUBACHUU NI DANDEESSAA!

Wangeela Yohaannis

I, II, III Yohaannis

BOB UTLEY

Profeesora Hermenetiksii

(Hiika Macaafa Qulqulluu)

QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIIINSAA

KAKUU HAARAA, Yohaannis Jildii 04

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS

1998

Kan Irra Deeb'ee Ilaalme 2008

Baafata

Mata Duree

Fuula

Seensa Wangeela Yohaannis	1
Ibsa Baniinsaa	1
YOHAANNIS 1	8
YOHAANNIS 2	40
YOHAANNIS 3	52
YOHAANNIS 4	75
YOHAANNIS 5	94
YOHAANNIS 6	109
YOHAANNIS 7	136
YOHAANNIS 8	148
YOHAANNIS 9	163
YOHAANNIS 10	172
YOHAANNIS 11	182
YOHAANNIS 12	196
YOHAANNIS 13	212
YOHAANNIS 14	223
YOHAANNIS 15	242
YOHAANNIS 16	252
YOHAANNIS 17	263
YOHAANNIS 18	275
YOHAANNIS 19	290
YOHAANNIS 20	303
YOHAANNIS 21	313
ERGAA YOHAANNIS 1	320
SEENSA ERGAA YOHAANNIS ISA DURAA	320
ADDA TA'UU KITAABICHAA	320
I YOHAANNIS 1:1-2:2	325
I YOHAANNIS 2:28-3:24	335
I YOHAANNIS 2:3-27.....	355
I YOHAANNIS 4	369
I YOHAANNIS 5	379
II YOHAANNIS	393
III YOHAANNIS	401

HAFAA TOKKOFFAA	410
Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii	410
HAFAA LAMMATAA	417
QEEQA QABIYYEERRAA	417
HAFAA LAMMATAA	420
HIIKA JECHOOTAA	420
HAFAA AFRAFFAA	429
BEEKSISA AMNTII	429

BAAFATA MATA DUREE ADDAA

<u>Mata Duree</u>	<u>Fuula</u>
ARCHĒ	11
ERGAMAA WAAQAYYOO	13
AMANII, AMANUU, YKN ABDACHUU (Pistis [MAQAA], <i>pistevō</i> , [GOCHIMA], pistos [ADJECTIVE])	14
YESUSIIF DHUGAA BA'UU	16
BEEKUU (irra jireenyaan keessa deebii akka fakkeenyaatti fayydamuu).....	17
FOON (<i>sarx</i>)	19
ULFINA (<i>DOXA</i>)	20
GAARUMMAA JAALALA ARGISIISU (<i>HESED</i>)	21
AMANUU, ABDACHUU, AMANII FI AMANAMUMMAA KAKUU MOOFAA KEESSATTI (⌘)	21
BEEKUU ILAALCHA PHAAWULOOS SEERA MUUSEETIIF QABU.....	24
FARIISOTA	29
GABATEE MAQAA DUUKA BUTOTAA	35
AMEEN	37
WAAQA	38
ALKOLII FI ALKOOLII UMMAA IRRATTI ILAALCHA MACAAFA QUQLULLUU	42
ULFINAA FI QABIYYEE (METROLOGY) WARRA BAHA DHIHOO DURII	45
AYYAANA FAASIHKAA	48
MATA DUREE ADDAA: FAAYIDAA GOCHIMA “AMANUU” (MAQAA yeroo hunda kan dhufuu miti)	51
THE SANHEDRIN	54
MOTUMMAA WAAQAYYOO	57
HAFUURA BAAFACHUU, QILLEENSA, HAFUURA	59
WAAQAYYO AKKA DHALA NAMAATTI IBSAME (AFAAN ANTHROPOMORPHIC)	62
WANTI TA’U HUNDI DURSEE WAAQAYYON MURTA’UU ISAA (CALVINISM) FI FEDHA BILISAA DHALA NAMA (ARMINIANISM)	63
MALLATTOO	72
SANYIIN WALQOODUU	77
RAAJUU	82
RAAJII KAKUU HAARAA	85
ABBAA	88
MASIHII	89
FEDHA (<i>thelēma</i>) WAAQAYYOO	90
FAYYINNI (HEALING) KAROORA BAROOTA KAMIIFUU WAAQAYYOTII	98

CUBBUU DHIIFAMA HIN ARGANNE HIIKUUF TARIIBA/ADEEMSA EXEGETICAL	100
ERGUU (<i>APOSTELLŌ</i>)	102
YERICHA	102
KERYGMA WALDAA KIRISTIYAANAA LAFAA	106
SAANTIMOOTA BARA YESUUSITTI FILISXEEM KEESSATTI FAAYIDAARRA OOLAN	112
LAKKOOFSA KUDHA LAMA	114
WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN	115
WABII KIRISTIYAANAA	122
“DHUGAA” (YAADA” BARREEFFAMOOTA YOHAANNIS KEESSAA	126
BARA BARAAN (<i>OLAM</i>)	128
OL BA’UU	130
HAFUURA (PNEUMAI KAKUU HAARAA KEESSATTI	131
KAN HINAMANNE (<i>APHISTĒMI</i>)	131
IFA BA’UU/boldness (PARRESIA)	138
AFUURA XURAA’AA/JINNII (Demonic)	141
BARBAACHISUMMAA WAANTA DURSEE AKEEKEE	156
JINOOSTIZIM/GNOSTICIM	
HIMOOTA GIRIIKII FAYYINAAF WAA’EE BAASAN	
JINOOSTIZIM/GNOSTICIM	158
DHUGAA BA’UU	138
HIMOOTA GIRIIKII FAYYINAAF WAA’EE BAASAN	166
DHUGAA BA’UU	168
BALLEESSAA (<i>APOOLLUM</i>)	174
WANGEELA KEESSATTI DIBAMUU (DBD 603)	184
HAALA ITTI GADDAN	186
DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI	188
YAALIIWWAN AWWAALCHAA	192
AFUURA HAMMEENYAA (PERSONAL EVIL)	205
LOLA WAAQA IRRAA (yaada koo kanan mul’ata irratti kenne irraa fudhatame)	206
LAPHEE	209
BARREEFFAMOOTA YOHAANNIS KEESSATTI FAAYIDAA “ABBOOMMII”	210
AJAJA QOPHII AYYAANA SOOMA HIIKAA JAARAA TOKKOOFFAA BIYYA WARRA YIHUDAATTI	215
ISCARIOT	220
WARRI DU’AN EESSA JIRU?	226
KADHANNAA IJA QABU	231
MAQAA GOOFTICHAA	231
YESUUSII FI HAFUURA QULQULLUU	233

AKKAATAA ITTI PHAAWULOOS Jecha *KOSMOS* (BIYYA LAFAA) JEDHUTTI

FAYYADAMU	234
GAAFAS (GUYIICHA)	235
SADAN TOKKUMMAA	237
EENYUMMAA MATAA OFII QABAACHUU HAFUURA QULQULLUU	238
KIRISTIYAANUMMAA FI NAGAA	239
ABIDDAA	246
MUL'ISUU (ILLUMINATION)	256
FILANNOO	265
WANGEELA YOHAANNIS KEESSATTI Jecha "DHUGAA" JEDHU	266
QULQULLUU	269
FILANNOO /PREDESTINATION AND THE NEED FOR A THEOLOGICAL BALANCE	278
YESUUS NAAZARICHA (JESUS THE NAZARENE)	280
EEGDOTA MANA MOOTUMMAA (Praetorian Guard)	284
PHONXOS PHILAAXOS	286
DUBARTOOTA YESUUS DUUKAA BU'AN	297
URGOOFTUUWWAN AWWAALCHAA	305
DU'AA KA'UU ISAA BOODA MUL'ACHUU YESUUS	307
BIFA /TUPOS/	310
YOH 1 I YOH 1 WAJJIN WAL MADAALCHISUU	327
KOINŌNIA	329
KRISTIYAANUMMAAN WALII GALATTEE DHA	329
JECHOOTA KAKUU HAARAA KANNEEN DHUFAATII KIRISTOOS	337
QAJEELUMMAA	339
FIYYINA NAMAATIIF RAGAAWAN KAKUU HAARAA	342
MATA DUREE ADAA: QULQULLAA'UU	346
ILMA WAAQAYYOO	347
KADHANNA, DAANGAA HIN QABU GARUU DAANEEFFAMAADHA	352
ITTI JIRAACHUU/KEESSA BULUU/ BARREEFFAMoota YOHAANNIS KEESSATTI	360
MATA DUREE ADDAA: BEEKUU (KNOW) CAALMAA SEERA KEESSA. KEESSATTI	362
MOOTUMMAA/BULCHIINSA NAMAA	363
BARA KANAA FI BARA ISA DHUFUUF JIRU	365
QULQULLICHA	367
KIRISTAANOTNI WALII ISAANIITTI FARADUU QABUU?	371
JECHOOTA GIRIIK "QURUU"fi. HIIKA DABALATA ISAANIIF TA'AN	371
SOCHII LOOTII LALABAA (BOB'S EVANGELICAL BAISES)	376
MIRAKANEESA	384
WALIIF KADHACHUU	385

CUBBUUN DU’A GEESU MAALI?	388
MAANGUDDICHA	395
WALDAA KIRISTIYAANAA (EKKLESIA)	405

Mirga garagalchuu©2003 Bible Lesson Internationaliidha, Marshall Texas (kan irra deebi'amee ilaalame 2005, 2009)

Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame. Kutaa Kitaaba kanaa keessaa ksmi illee karraa kamiinuu yookiin haala kamiinuu hin baay'atu hayyama barreeffamaan deeggarama kan isa maxxansiisee male.

Bible Lesson International
P. O. Box 1289
Marshall, TX75671-1289
1-800-785-1005

ISBN 978-0-9661098-3-2

Ibsituu kana keessaatti waraabbiin Kitaaba Qulqulluu kan fayidaa irraa oolan:

New American Standard Bible (Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa 1995)

Mirga garagalchuu©1960, 1962, 1963, 1968, 1971, 1972, 1973, 1975, 1977, 1995 tti Dhaabbata

Lockmaniin

P. O. Box 2279

La Habra, CA 90632-2279

Keeyyata kana kan addaan hiruu fi goollabbiin gara jalaatti kan barreeffaman akkasumas gaaleen filataman:

1. Kakuu Haaraa Giriikii maxxansa afraffaa , Mirga garagalchuu© 1993 Deutsche Bibelgesellschaft, O Stuttgart. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
2. Hika King Jemis Haaraa (NKJV) Mirga garagalchuu©1979, 1980, 1982 Thomas Nelson, Inc. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
3. Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Haaromsa haarawaa, (NRSV)Mirga garagalchuu©1989, Division of Christian Education of National Council of Chrches of Chirstiin Amerikaa keessatti. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
4. Hika Ingliffaa Haaraa, (TEV)Abbaa Mirga garagalchuu©Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame, Gamtaa Kitaaba Qulqulluu Ameerikaa, ©1966, 1971. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
5. Kitaaba Qulqulluu Yerusaleem, (JB)Mirga garagalchuu©1966 Dartoniin, Longman fi Tood,Ltd. Fi Doubleday, a division of Bantam Doubleday Dell Publishing Group, Inc. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.

www.BibleLessonsIntl.com
www.freebiblecommentary.org

Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa- 1995

Dubbisuuf salphaa:

▣ Kan dubbifamanuu Ingiliffa duriitiin “thee’s” fi “thou’s” kan fakkaatan gara Ingiliffa ammayyaatti jijjiiramaniiru.

▣ Jechoonni fi gaaleen duraan waggoota darban 20 dura jijjirrama hiika isaanii irraa kan ka’e kan karaa malee hubataman gara Ingiliffa har’aatti geeddaramaniiru.

▣ Warabbiileen sadarkaa jechoota rakkisoo yookiin galmee jechootaa amma gara Ingiliffa laafaatti jijjiiramaniiru.

▣ Himoon “And” dhaan jalqaban gara Ingiliffaa fooya’aatti jijjiiramaniiru, akkaataa afaan isa ammayyaa’ee fi isa duraa gidduu garaa garummaa jiru ilaalcha keessa galchuudhaan. Afaan Griikii fi afaan Ibrootaa akka Ingiliffaa sirna tuqaalee hin qabu. Kanaaf caraa baay’eedhaan sirni tuqaalee Ingiliffaa isa ammayyaa “And” isa jedhu bakka bu’uudhaan tajaajila. Karaa gara garaa tokkoo tokkoon “And” inni jedhu karaa garaa garaatiin jijjiirameera. Fakkeenyaaf “then” yookiin “but” akkuma keeyyatchaa irratti hundaa’uudhaan. Yeroo jechichi inni afaan jalqabaa hiika akkasii hayyame.

Isa duraani caalaa sirrii:

▣ Qo’annoon dhiyeenyaa barreeffama gaarii kan Giriikii KAKuu Haaraa isa durii irraatti geggeeffame irra deebi’amee ilaalameera, barreeffamni tokko tokkos haaromfamaniiru barreeffamoota isaan jalqabaa irraatti amanamummaa guddaa taasiisuun.

▣ Dubbifamoni bukkoos walbira qabamuun irra deebi’uun ilaalamaniiru.

▣ Goochimoondi hiika baay’ee bal’aa qabanis barreeffama tokko tokko keessatti keeyyata isaanii keessatti ibsa caalaa akka kennaniidhaaf jecha hiikamaniiru.

Amma iyyuu Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa (NASB):

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaaan sababa hhiikin jijjiiramuudhaaf hin jijjiiramu. Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa inni duraa jijjiirama yerootti ni dhaabbata, jijjiiramni amma ta’e qabamee jira sadarkaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaadhaan kaa’ame ilaalaaluudhaan.

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa aadaa Kiriikii fi afaan Ibrootaa isa jalqabaa jechaa jechaatti jijjiiru Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa utuu asiif achi hin jedhin ittuma fufa.

▣ Hiiktonni fi gorsa adda addaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa hojochuutti hirmaatan beektota Kitaaba Qulqulluu, Doktoroota afaanii isa kan Kitaaba Qulqulluu, akkasumas kan barnoota hafuuraatiin darbees karaa kan biraa Digrii olaanaa kan qabaniidha. Jarri manneen amantii gosa gara garaas ni calaqqisiisu.

Aadaa ittuma fufuu:

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa inni jalqabaa hiika afaan Ingiliffaa isa sirrii ta’uu isaatiif kabaja guddaa argateera. Hiikaawwan gara garaa yeroo ammaa sirrii akka ta’anii fi dubbisuudhaaf mijataa akka ta’anni dubbatamaaf. Garuu kan jara dubbisu namni kam illee hiikni kun akkasitti akka hin amanamne ni hubata. Kana biran yeroo tokko tokko jechaa jechatti hiikamu, barreeffama isa jalqaba yaada isaa gabaabsanii ka’u, dubbifamuuf mijachuu danda’u garuu amanamaas ta’uudhaaf gatii guddaa baasuu ta’a. Uumamaan yaada gabaabsuun waanta gadhee miti, akka warri jijjiiran hubatanittii fi hiikanitti hiikaa barreeffamichaa ni ibsa. Kiitaabin Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaan, aadaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa hiika isa dhugaa kan Kitaaba Qulqulluu ta’u isaa ittuma fufa barreeffamni inni jalqabaa kan inni jedhu ifa taasisudhaan- kan warren hiikan amanani jedhan qofa utuu hin taane.

ERGAA BARREESSAA: IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.

Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyooti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Biroootti waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikkaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

Qajeelcha duraa

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoo ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'ura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqulluu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaaboo kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

Qajeelcha lammeesso

Qajeelchi lamuu kun boqonnaa adda baasuufi. Kitaabonni kitaaba Qulqulluu ragaa kuufamaadha. Hojjettonni hiikkaa dhugaa tokko fudhachuun kaan ammoo hambisuuf mirga hin qabani. Kanaafuu, boqqonnoota jiran fudhannee hojii hiikkaa eegaluun dura yaada kitaaba qulqulluu walii gala huachuun barbaachisaadha. Kutaan, boqonnaan, buufaa ykn lakkoofsa waan kitaabni hin ta'iinidha jechuu miti. Hiikkaan yaada walii gala irra keessaa qabee gaa yaada kuaa gadit bu'aa deemuu qaba. Kanaafuu, isituun qajeelcha qo'annoo kun bartoonni caasaa kutaadha akka buufataan xiinxalan gargaaruuf kan qophaa'edha. Hiramsi buufataafi boqonnaa afuursa odoo hin taane yaada boqonnaa hubachiisuufidha.

Sadarkaa buufataati hiikuun – himaratti, jechamaratti kn jecharatti miti – yaada hiikkaa bareessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa hordofuuf furtudha. Buufanni hima matooma ykn qabiyyee irratti bu'urawu. Jechii jechamniifi himnii kamuu buufata keessa jiru qabiyyee gumoofta kanatti firmooma. Ni daangeessu, ni dagaagsu, ni ibsu, fi/ykn ni gaafatu. Furtuun hiikkaa sirriidha boqonnaa boqonnaatti yaada barreessichaa duukaa bu'udha, karaa qaama kitaabichaa gara guutummaatti geessuu. Ibsituun qajeelcha qo'annoo kunis akka bartoonni kana gochuun hiikkaa Ingiliffaa hammayyaa akka walcina qabanif kan qophaa'edha. Hiikkaan kunis kan filatame waan tiyoorii hiikkaa adda addaati fayyadamefi.

1. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS⁴). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.
2. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofta akka hubatan isaan gargaara.
3. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.
4. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii

bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

5. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.
6. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikka jechaa-jechatti Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

Qajeelcha Sadeesso

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo, dogma'uu fi bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasani godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdiidhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachuu yaalan, garuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulqulluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kana irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristoositti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoannis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

I. Durtilmaama

- A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muumme ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.
- B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyoo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.


- C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa'ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqulluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.
- D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka'umsa barreessicha duraa irratti hundaa'ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta'uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.
1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
 2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
 3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
 4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guummati
 5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
 6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
 7. Dubbifata walinfallessine ta'uusaati.

Namoonni qo'annoo kanaas kaayyoo qo'annoo bareeffama kanaa nuuf ta'e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii gara garaafi dhabamuu qabuun waa jedhe.


II. Mala hin mallee

- A. Qabiyye hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.
- B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.
- C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.
- D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.
- E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa'a. Kun ammoo nuyiif akka "deebii dubistootaa" ilaalama. (qabiyye jechun anaaf maala jechuudhaa" hiikkaa)

Waliigalte namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.



Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalammu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuureessuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba “*How to Read The Bible For All Its Worth*” jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.

Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. “Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa “jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuu qeeqa gargaasa qo’annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuu yeroo sirrii itti fayyadamaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka’umsaa
 - a. Seenaa yoomessaa
 - b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka’umsaa
 - a. Caasaa giraamaraa (syntax)
 - b. Ittifayyadama hojii baraa
 - c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
 - a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda’uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi’anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka’umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa’ani.

A. Marsaa dubbisaa duraa

1. Takka gadi ta’aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi’aa, yaada hiikkaa Biroon
 - a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
 - b. Gitaan addaan (HIH, JB)
 - c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)
2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.
3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda’ame) adda baasaa.
4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa
 - A. Kakuu Moofaa
 1. Barreeffama Ibrootaa
 2. Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
 3. Raajii Ibrootaa (haasa’a, walaloo)
 4. Seera tuma

B. Kakuu dubbisa lammeesso

1. Keessa deebi’aa kitaabicha dubbisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta’een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo’annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta’aa babal’isaa tarreessaa

C. Marsaa dubbisaa sadeessoo

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
2. Qabxiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.

- a. Barreessaa
 - b. Guyyaa
 - c. Argataa
 - d. Sababa addaa barreessicha
 - e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
 - f. Ragaaaleefi namoo seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
 4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

D. Marsaa dubbisaa afreessoo

1. Boqonna barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
 - a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
 - b. Gita addaan (HIH, JB)
 - c. Paaraaphireesii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
 - a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
 - b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
 - c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
 - a. jechoota barbaachisoo
 - b. Jechoota hin baramne
 - c. Caasaa giraamara barbaachisaa
 - d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
 - a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
 1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
 2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
 3. Tartiiba jechoota
 - b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'orama heddu kan dhalatan muddama dhugomsa barruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
 - c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn biffaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulqulluu
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annootti fayyadami.
 - a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
 - b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
 - c. Seensa kitaaba Qulqulluu
 - d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi.)

IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka “hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa” ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuura barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa

jechuudhaaf “Gooftaan isinitti hima” jedhe fedha barreessaa ka’umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta’e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama “kenya” – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta’e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka’umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa

Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda’a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu’uraa, garuuu fedha barreessaa ka’umsaati firoomuu qaba.

V. Kallatti hiikkaa afuuraa

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta’a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)

B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)

C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)

D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii

E. Gadjechuufi barsiisu danda’urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 “Itti gara sammuu namoota Waaqayyooti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayyoo dandeetti addaa isaanii kennellee ta’an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa’iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda’udha.

B. Kitaaba “kiyeerkigaard protestant biblical interpretation” ful. 75 jedhu keessatti.

Akka kiyeerkigaardifi qo’annoon giraamaaraa laaksilalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. “Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa’a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta’u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoo dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo

“Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta’eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta’u ta’e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyoomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akka qo’annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

VI. Mala ibsiituu kanaa

Ibsituun qo’annoo kanaa kan qophaa’e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta’uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. “Marsaa dubbisaa # 3” eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta’i.

B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltu si gargaara.

C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.

1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx⁴ (YBS)

2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

- D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
 1. Qabiyyee barruudhaa
 2. Ilaa aadaafi seenaa
 3. Odeeffannoo giraamaraa
 4. Qo'annoo jechootaa
 5. Dubbisa walmaddi fayyadan
 - E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
 1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
 2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
 3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
 4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.
 - F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayyadamuun isa tola.
 1. Garaa garuummaa barruuwwanii
 2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
 3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
 4. Barruu jeeqamoo
- Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.
- G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amani jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irrati xiyyeeffataniiti.

Seensa Wangeela Yohaannis

Ibsa Baniinsaa

- A. Maatiwoosii fi Luqaas dhaloota Yesuusiin jalqabu, Maarqoos immoo cuuphaa Isaatiin jalqaba, Yohaannis garuu uumama duraa ni jalqaba.
- B. Yohaannis Waaqummaa guutuu Yesuus nama Naazireetii waraabii jalqabaa boqonnaa jalqabaatii kaasee dhiheessee, guutummaa Wangeelichaa keessatti xiyyeeffannaa itti ni kenna. Wangeelonni muraasaan barreeffaman hamma dhihaachuu isaaniitiin barfatanitti dhugaa kana ni golgu (“Dhoksaa Masihummaa).
- C. Yohaannis Wangeela isaa ibsaa ragaalee bu’uraa wangeelota muraasaan barreeffaman ifumatti ni cimsa. Inni Yesuus ibsaa fedhiwwan waldaa kiristiyaanaa dursitee turtee (jaarraf jalqabaa)tii jireenyaa fi barsiisa Yesuus guutuu gochuu fi hiikuuf ni carraaqa.
- D. Yohaannis akkaataan Yesuus Masihicha itti dhiheesse kan wantoota armaan gadii qindeessuu fakkaata wantoonni naannoo:
1. Wantoota dinqii turban/mallattoowwanii fi hiika isaanii
 2. Gaaffii deebiiwwan diigdamii torba/yokiin haasaa namoota tokkoon tokkoon gidduutti godhe.
 3. Guyyoota Waaqeffannaa fi ayyaaneeffannaa muraasa.
 - a. Sanbata
 - b. Ayyaana garbummaa Misir, jalaa itti ba’an (cf. Boqonnaa 5-6)
 - c. Mana Qulqullummaa (cf. boqonnaa 7-10)
 - d. Ayyaana Warra Yihudootaa guyyaa saddeetii fi ayyaana Sadaasaa fi Muddee yeroo Yihudoonni yeroo itti Manni Qulqullummaa Yersaalem keessatti lammata 165 DkD yaadannoof oole yaadachuuf godhamu (cf. 10:22-39).
 4. Ibsa “ANI” jedhu
 - a. Maqaa Waaqummaa (YHWH) wajjin walitti firoomu.
 - 1) Ani Isa (4:26; 8:24, 28; 13:19; 18:5-6)
 - 2) Abrahaam dura Ani jira ture (8:54-59)
 - b. Eeruuwwan raajiidhaan...
 - 1) An buddeenni jireenya (6:35,41,48,51)
 - 2) Ani Ifa biyya lafaati (8:12)
 - 3) Ana balballi hoolotaa (10:7,9)
 - 4) Tiksee gaariin Ana, (10:11,14)
 - 5) Du’aa ka’uun jireenyis Ana, (11:25)
 - 6) Karichi, dhugaan, jireenyis, ana (14:6)
 - 7) Mukichi wayinii inni dhugaan ana, (15:1,5)
 - E. Garaa-garummaa Wangeela Yohaannisii fi Wangeela kan biroo gidduu jiru.
 1. Hammamiyyuu akeekni duraa Yohaannis baruumsa amantii ta’ullee, itti fayyadamni isaa seenaa fi ji’oograafi isa sirrii fi kan ibsameedha. Sababni hanqinaa/garaagarummaan wangeelota muraasaan barreeffamanii fi wangeela Yohaannis gidduu jiru waan hin mirkanoofneedha.
 - a. Ergama warra Yihudootaa jalqabaa (qulqullumma Mana qulqullummaa jalqabaa)
 - b. Seenaa fi guyyaa jireenya Yesuus torbee dhumaa barreeffame.
 - c. Barumsa amantii akeeka qabu qindaa’e tokko
 2. Garaa garummaa wangeelota muraasaan barreeffamanii fi Wangeela Maatiwoos gidduu jiru isa ifa ta’e kana irratti mari’achuuf yeroo yartuu fudhachuun kan nama gargaaru ta’uu ni mala. Mee Joorji Eldan Lad Barumsa *amantii Kakuu Haaraagaraagarummaa* irratti maqaa haa dha’u mee.
 - a. “Isa gaaffii barsiisonni Yesuus karaa sirriidhaanille ta’uu isaanii riipoortii/gabaasa godhuu isaatinillee ta’ee ykn amantiin kiristiyaanaa aadaa isa seenaan hiikkaawwan ti’oolojii liqimse sirriitti haaromseef amanamummaadhana mul’achuu isaatiin Wangeelli afraffaan wangeeloota muraasaan barreeffamaniin garmalee adda.”

- b. Furmanani inni dhihaate isa barsiisonni Yesuus ciigoo Yohaannisiin ibsamaniidha. Kun erga furmaata isa sirrii ta'ee, akkasumas Wangeelli Afraffaan ciigoo Yohaannisiin leenji'uu isaa guduunfinee, gaaffiin baay'ee barbaachisaan kun itti aanee ni ka'a. ti'oolojiin wangeela Afraffaa inni Yohaannis isa kan Yesuus caalu hamma kamitti? Barsiisonni Yesuus sammuu Yohaannis keessatti inni nuyi qabnu hiikkaan/ibsi Yohaannis hammam bakka bu'ummaa barsiisa dhuunfaa Yesuus wajjin walitti firoomuu danda'aa?"
- c. Laadis dabalataan W.F.Albight "Argannoo Haaraawwan Filisxeemii fi Wangeela Yohaannis" jedhu *irraa ka'uumsa Kakuu Haaraafi Barsiisa amanti Du'aa fi Firdii* Isaa W.D Davies fi D.Daubliin gulaalame keessatti kaasee ture.
- "Barsiisa W.Yohaannis siifi Wangeelota muraasaan barreeffaman gidduu garaa garummaan bu'uraa wayiituu hin jiru. Fugginni/walbira qabamuun isaan gidduu jiri xiyyeeffannaa aadaa kallattiiwwan barsiisota Kiristoos irratti ni hirkata, addumatti kanneen kan barsiisa isa kan baay'ee walitti dhihaatee barbaachisaa ta'ee fakkaatu ni fakkaata.
- Barsiisni Yesuus kamiyyuu jal'atuu fi falleeffamuu isaa kan argisiisuu, inni wanti baay'ee barbaachisaadha jedhamee isaan itti dabalame wayiituu guutummaan guutuutti hin jiru. Fedhiwwan waldaa kiristiyaanaa jalqabaa filannoo wantoota Wangeela keessatti hammatamanii tarii nuyi dafnee amanuu dandeenyu irratti dhiibbaa godhaniiru, garuu immoo fedhii waldaan kiristiyaanaa sun argannoowwan ykn wantoota haaraa argaman hiikaa ti'oolojii kamiifiyyuu itti gaafaamaa kan turan ta'uu malee isaaniitiif sababni wayiituu hin iru.
- Yaadoota haaraa barattootaa fi beektootaa ti'oolojii Kakuu Haaraa ta'e keessaa inni tokko isa yaadni Yesuus baay'ee kan murtaa'e ture, innis wal bira qabamuun Wangeela Yhaannisii fi Wangeeloota biroo ifa ta'e kan jiraachuu qabu yeroo adda addummaan beektota ti'oolojii kiristiyaanaa jalqabaa keessatti ture. Namni yaadaan gaariin kamiyyuu fi namummaan hiriyootanii fi dhaggeeffattoota adda addaa, kanneen baay'ee yaadnii qalbii fi filannoon isanaii walfakkaatu ykn wanta isaan arganii fi dhaga'an irraa wanta gaarii filatan fakkaataniin karaa adda addaatiin hiikamuuf jiru" (ff. 170-171).
- d. Akkasumas lammata Jorji I. Laad: beekaa ti'oolojii ta'ee kanneen biroo immoo ta'uu dhiisuu isaanii miti, garuu immoo sun hundinuu karaa adda addaatiin beektoota ti'oolojiiti. Seenaan hiikame seenaa baraa gochaawwanii salphaadhummatti ibsaman caalaa dhugaawwan haala jiruu caalaatti dhugumaan bakka bu'uu ni malu. Erga Wangeela Yohaannis ibsa ti'oolojii ta'ee, inni ibsa gochootaa kanneen Yohaannis seenaa keessatti ta'aniin of amansiise tokko jechuudha. Wangeelonni muraasaan barreeffaman ifumatti fedhii riippoortii ipsissima verba (jech sirrii) Yeuus, ykn seenaa jireenyaa gochaawwan jireenya isaa kennuufi miti. Isaan suuraawwan jalqaba Yesuusii fi Keessa Deebii barsiisa isaati. Wangeela Maatiwoosii fi Wangeela Luqaas wantoota Wangeela Maarqoos keessaa deebisanii sirreessuuf bilisummaa baay'ee guddaadhaan barsiisa Yesuus gabaasa gochuuf ofii isaanii bilisa ni godhu. Otuu Yohaannis bilisummaa irra jireenya Maatewoosii fi Luqaas caalu fayyadamee ture, sun silaa sababa inni suuraa dhugaa dabalataa gadi fageenyaa fi baay'ee gaariitti caalaatti kennuuf hawweef ta'a (ff. 221-222).

BARREESSAA

- A. Wangeelichi kan maqaan isaa hin ibsamne, garuu akkaataa barreeffama Yohaannis ni kaasa.
1. Barreessaa ijaan argee dhugaa ba'u (cf. 19:35)
 2. Gaaleen Bartuu jaal'atamaa" jedhu (karaa ifa ta'eenis ta'ee karaa ciigootiin akka Yohaannis Bartichaatti isa ibsa"
 3. Yohaannis, ilmi Zabdewoos gonkumaa maqaadhaan hin dhahamne.
- B. Iddoon seenaa Wangeelicha mataa isaatirraa ifa, kanaafuu, yaadni barreessummaa hiikkaa keessatti wanta baay'ee barbaachisu miti.
- Mirkaneessuun barreessaa dammaqee wanta baay'ee barbaachisuudha. Barreessummaanii fi guyyaan Wangeela Yohaannis dadammaqiinsa hin miidhu. Yoo hiikkaa malee. Namoonni yaada kennan yoomessa seena qabeessa isa gochana kitaabni akka barreeffamuuf sababa ta'e irra jiru ni barbaadu. Namni tokko falaasamoota lama walfaalleessan Yohaannis
1. Yihudootaa andaara lamaanii

2. Barsiisa Qumran qajeelummaa
 3. Amantaa Zoroastriyaan/ warra parshiyaa
 4. Yaada Gnostikii
 5. Ilaalcha Yesuus adda ta'een wal bira qabuu danda'aa?
- C. Ilaalchi beekamaan duraa isa Yohaannis Bartichi, ilmi Zabdiyoos, burqaa dhuga-ba'uumsa ijaan arge, nama ta'uu isaati. Inni kun kan ifa ta'e ta'uu qaba, sababni isaas burqaawwan alaa jaarraa lammaffaa qophii Wangeelaa irratti kan biroo kan wal simsiisu ni fakkaata.
1. Amantoonni bifa tokko fi jaarsoliin Efesoon Bartii dulloome (Eusebius Araaramuu Aleeksaandariyaa ni eera) jedhu akka barreessuuf jajjabeessaniiru.
 2. Bartuun akka isaa, Indiriyaas (the Muratorian Fragment, DKB 180-200, Roomaa irraa)
- D. Barattooni hammayyaa yaadota danuu waa'ee toftaa fi dhimma mata duree Wangeelichaa irratti bu'ureffatanii barreessaa kan biroo tilmaamaniiru. Danuun guyyaa jaarraa lammaffaa jalqabaati tilmaamu (DKB 115 dura).
1. Bartuu Yohaansiin (michuu dhugaa Yohaannis tokko) isa barsiisota isaa yaadateen barreeffame (J. Weiss, B. Lightfoot C. H. Dodd, O. Cullmann, R.A. Culpepper, C. K. Barreett)
 2. Maanguddoo Yohaannis (isa hordofaa dursitoota jalqabaa Eesiyaadhaa barsiisa amantii fi jechoota amantii Yohaansiin dhiibbaan irratti uumame keessaa tokkoon) barreeffame, isa barreeffama Papias (70-146 DKB) keessatti barreeffama ifa hin taane irraa argame jechuudhaan Eusebius (280-339 DKB) eerameera.
- E. Ragaalee Yohaannis ofii isaa akka wantoota Wangeelichaatiif akka burqaalee jalqabaatti oolaniif.
1. ragaa keessaa
 - a. barreessichi barsiisotaa fi gochaalee wal fakkaatan Yihudootaa ni beeka ture, akkasumas ilaalcha dubbii Kakuu Moofaa isanaii ni hirmaate.
 - b. barreessichi Filixeemii fi Yerusaleem haala isaanii DKB 70 duraa ni beeka ture.
 - c. barreessichi dhugaa ba'aa ijaan arge ta'uuf ni gaafata
 - 1) 1:14
 - 2) 19:35
 - 3) 21:24
 - d. barreessichi miseensa gartuu duuka buutotaat ture kanaafis wantoota armaan gadii sirrumatti beeka.
 1. ibsa yeroo fi iddoo (qorannoowwan ragaa halkanii)
 2. ibsa lakkoofsoota (gaanii bishaanii 2:6 fi qurxummii 21:11)
 3. ibsa namootaa
 4. barreessichi ibsoota (bal'ina) gochaawwanii fi gochaawwan isaanii lammata ni beeka ture.
 5. Barreessichi akka "bartuu jaal'atamaatti" kan qajeelfame kan ta'u fakkaata.
 - a) 13:23, 25
 - b) 19:26-27, 34-35
 - c) 20:2-5, 8
 - d) 21:7, 20-24
 6. Barreessichi miseensa Pheexiroos wajjin walitti dhufeenyaa gaarii qaban tokkos ni fakkaata.
 - a. 13:24
 - b. 20:2
 - c. 21:7
 7. Maqaan yohaannis, ilma Zabdewoos, karaa baay'ee haraa fakkaatuun, wangeela kana keessatti hin mul'anne, sababni isaas inni miseensa Duuka buutota baay'ee walitti dhihaatanii ture waan ta'eef.
 2. Ragaa alaa
 - a. Wangeelli kan beekamu
 - 1) Irenaeus (DKB 120-202) inni Polycarp wajjin gamtaa'ee ture, Bartuu Yohaannis ni beeka ture (cf. *Eusebius Eccleasticus seena qabeessa* 5:20:6-7) Yohaannis bartuun Gooftaa inni qoma Isaa irratti hirkatee ture ofuma isaatii Efesoon Eesiya keessatti akka Wangeelli beekamu godheera (*Haer*, 3:1:1, Eusebius keessatti eereera *Hist, Eccl.* 5:8:4).

- 2) Kleement Aleksandariyaa (DKB 153-217) “Yohaannis inni hiriyoota isaatiin gorfamee akkasumas Hafuuraan socho’ee, Wangeela hafuuraa tokko ofeegannoodhaan barreessee ture “Eusebius’ *Eccleasticus Seenaa qabeessa* 6:14:7)
 - 3) Jastiin maaytir (DKB 110-165) *Haasaa Trypho* 81:4 wajjin godhe keessatti.
 - 4) Tertullian (DKB 145-220)
- b. Barreessummaan Yohaannis dhuga ba’uumsota baay’ee dursanii turaniin akka hubataman godhaman.
1. Poliikaarp (DKB 70-156, Irenaa’usin galmaa’e) isa abunii Simaayranaa (DKB 155) ture.
 2. Paapiyaas (DKB 70-146) Anti Marconite jalqaba dubbisa Roomaa fi Eusebius irraa isa bunii Hiyaapolis Faayirgiyaa turee fi duuka bu’aa Yohaannis bartichaatiif akka ta’uuf ergame.
- F. Sababoota barreessummaa aadaa shakkisiisaa turan
1. Walitti qabachuu wangeelichaa ergaa/dhaamsa jiinoostikii wajjinii Appeendiksii (iddoo odeeffannoo daalataa kennu) boqonnaa 21 isa ifa ta’e
 2. Garaagarummaa wangeelota biroo wajjin qabu.
 3. Yohaannis akka “bartuu jaal’atamaatti” ofii isaatii hin eerreyyu.
 4. Yesuus Yohaannis wangeelota kan biroo caalaa jechoota waliigalaa fi gosa barreeffamaa adda ta’e kan adda addaa ni fayyadama.
- G. Erga inni Yohaannis barticha akka turetti yaadnee sana booda waa’ee namtichaa maal tilmaamna?
1. Inni Ephesus (Irenaeus “Ephesus irraa Wangeelichi akka beekamu godhe” ni jedha)
 2. Inni nama dulloome yeroo turetti barreesse (Irenaa’e’us inni hamma bara bittaa Tiraajaan DKB 98-117 jiraate ni jedha.

GUYYAA

- A. Nuyi otuu Yohaannis Duuka buticha tilmaamee
1. DKB 70 dura, yommuu Yerusaaalem Jeneraala Roomaa (booddeerra Mootii kan ta’en) barbadooftetti, Titus,
 - a. Wangeela Yohaannis 5:2 keessatti Yerusaaalemis gabaa hoolaa bukkee duhaan bishaanii tokko tue, afaan Ibraayisxiitti Betesidaa kan jedhamu. Busaa shanis qaba ture” jedha.
 - b. Gartuu duuka buutotaa agasiisuuf mata duree dursaa “bartu/ergamoota jedhu fayadamuu irra ni deddeebi’a.
 - c. Elamintonni Jinostiikii booddee ta’u jedha. Mamii yaadaman amma Marfate Galaana Du’aa keessatti argamaniiru, innis kan argisiisu isaan dhagna jechoota ti’oolojii namaaf hin galle jaarraa tokkoffaa akka turaniidha.
 - d. Diigamu Mana Qulqullummaa fi magaalaa Yerusaaalem DKB 70tiif eeruun wayiituu hin jiru.
 - e. Qo’ataan seenaa durii beekamaan Ameerikaa W.F.Olbiraayit guyyana wangeelichaaf 70ta dhumaa irra ykn jalqaba 80ta ta’uu isaa ni dubbata.
 2. Booddee jaarraa jalqabaa keessatti
 - a. Ti’oolojii Yohaannis dagaage
 - b. Sababa sun waggoottan digdamoota dura ta’eef kufaatiin Yerusaaalem hin dhahamne.
 - c. Fayyadama Yohaannis galessuu fi xiyyeeffannaa kennuu gosa “Gnostic”
 - d. Aadaa waldaa kiristiyaanaa durii
 - 1) Ireensaa’e’us
 - 2) Eusebiyus
- B. Nuyi “Yohaannis maanguddicha” yaadna yoo ta’e guyyichi walakkaa jaarraa lammaffaa duraa ni ta’a ture. Ti’ooriichi kan jalqabe diddaa Diyonyiyas barreessummaa sababa ifa ta’een Yohaannis Duuka bu’aatii ture. Yusebiyus, inni barreessummaa Mul’ata Yohaannis Duuka Bu’aa sababa kan ti’oolojii ta’een dide/fudhachuu dhise, yeroo sirriitti iddoo sirritti eeruu Paapiyaas (*Lubummaa seena qabeessa* 3:36:3,5), Yohaannis biraa kan argate se’e, isa “Yohaannisoota” lama lafa kaa’u. (1) Duuka Bu’ichaa fi (2) Maanguddicha (gaggeessaa mana sagadaa kan ta’e).

FUDHATTOOTA

- A. Jalqabumaa inni kan barreeffamee ture waldootii kiristiyaanaa Koonyaa Roomaa Maandhoo Eshiyaatiif ture; keessattuu Efessas.
- B. Sababa gadi fageenya laafinaa fi gadi fageenya dhimma jireenyaa fi namoomaa Yesus Nama Naazireetiin warra Ormoota Afaan Giriikii dhaloota Kiristoos dura turetti amananii fi gartuuwwan Jinoostikiitiin inni kun Wangeela caalaatti jaal'atamu ni ta'e.

KAAYYOO

- A. Wangeelichi ofii isaatiifuu kaayyoon wangeelummaa dhugaa ta'uu isaa ni dubbata, 20:30-31
 - 1. Dubbiftoota Yihudootaatiif
 - 2. Dubbiftoota Ormootaatiif
 - 3. Dubbiftoota Jenostikii reefu jalqabuutti jiraniif
- B. Amanamummaa balleessaatti gaabbani dhiifama gaafachuu kan qabu fakkaata.
 - 1. Hordoftoota leellistoota Yohaannis cuuphaa irratti
 - 2. Barsiistota soba Jinostikii reefu jalqabaa jiran (keessattuu jalqaba dubbisichaa) irratti, barsiisonni sobaa Jinostikii kunniin dabalataanis ka'umsa kitaabota Kakuu Haaraakan biros ni bocu.
 - a. Efesoon
 - b. Qolaasiyaas
 - c. Ergaawwan Lubaa (Ximotesoos Isa duraa, Tiitoo, Ximotewos Lammaffaa)
 - d. Yohaannis Isa duraa (Yohaannis Inni duraa tarii wangeelichaaf akka xalayaa qolaatti tajaajiluu mala)
- C. Kaayyoo ibsa 20:31 tarii akka barsiisa amantii jabaatanii hojjetan akkasumas wangeellummaa jajjabeessuutti hubatamuu maluuf haalli itti danda'amu ni jiraata, sababa faayidaa PRESENT TENSE fayyisa ibsuuf hin jijjiirramneetiif. Ilaalcha kana keessatti Yohaannis, akkuma Yaaqoob tarii ti'oolojii Phaawuloos gartuuwwan muraasa Maandhoo Eeshiyaa, keessa jiranniin gar malee oo'isan madaalsisaa jiraachuu ni mala (cf. Pheexiroos Isa lammaffaa 3:15-16) Aadaan Waldaa kiristiyaanaa durii Yohaannis Phaawuloos otuu hin ta'in Efesas wajjin ibsuun isaa waan dinqisiisaadha (cf. F.F kan Biruus, *Pheexiroos, Steefan, Yaaqoobii fi Yohaannis Qoo'annoowwan kiristiyaanummaa Phaawuloos malee* ff. 120-121)
- D. Dubbiin dhuma (boqonnaa 21) deebiwwan gaaffilee waldaa kiristiyaanaa durii addaa ta'an kan deebisu fakkaata.
 - 1. Yohaannis dhimmoota wangeelota kanneen biroo muraasaan barreeffaman guutuu taasisuuf itti ni dabala. Haa ta'u malee, inni ergama warra Yihudoota irratti ni xiyyeeffata, keessattuu Yerusaaalem.
 - 2. Gaaffiiwwan sadan odeeffannoo dhuma kitaabichaa, boqonnaa 21 keessatti uwwifamanii turani.
 - a. Deebi'uu Pheexiroos
 - b. Dheerachuu umrii Yohaannis
 - c. Turuu deebi'uu Yesuus
- E. Tokko tokko Yohaannis akka itti yaadatuma gara cinaatti dagachuu fi galmeessuu dhiisuudhaan ykn seerota mataa isaanii irratti mari'achuu dhiisuudhaan carraawwan dubbisichaa boqonnaa 3 (cuphaadhaaf) fi boqonnaa 6 (Irbaata Qulqulluu ykn Irbaata Gooftaatiif) ta'ullee sirna amantii baay'ee barbaachisuuf akka xiyyeeffannaa hin kenninetti ni ilaalu.

BARREEFFAMA YAADA GABAABA YOHAANNIS IBSU

- A. Dubbii jalqabaa (1:1-18) kan falaasamaa/ti'oolojii fi dubbii dhuma addaa (boqonnaa 21)
- B. Mallattoowwan dinqii turban yeroo gaggeessaa Yesuus (boqonnaa 2-12) fi hiikkaa isaanii
 - 1. Sirna cidhaa Kaanaatti bishaan gara daadhii wayiinitti geeddaruu (2:1-11)
 - 2. Qephrna'umitti mucaa/ilma hojjetaa mana murtii fayyisuu (4:46-54)

3. Qarqara bishaanii Betesaadaa Yerusaaaleem keessatti namticha naafa fayyisuu (5:1-18)
 4. Namoota 5,00tti lakkaa'aman Galiilaatti nyaachisuu (6:1-15)
 5. Galaana Galiilaa irra deemuu (6:16-21)
 6. Namticha jaamaa ta'ee dhalate Yerusaaalem keessatti fayyisuu (9:1-41)
 7. Bitaanayaatti Alaazaar du'aa kaasuu (11:1-57)
- C. Gaaffiif deebii fi dubbii tokkoon tokko wajjin godhe
1. Yohaannis cuuphaa (1:19-34, 3:22-36)
 2. Bartoota
 - a. Indiriyaasii fi Pheexiroos (1:35-42)
 - b. Filiphiiyoosii fi Naatnaa'el (1:43-51)
 3. Niqodimoos (3:1-21)
 4. Dubartii Samaariyaa (4:1-45)
 5. Yihudoota Yerusaaaleem (5:10-47)
 6. Uummata Galiilaa keessatti baay'inaan walitti qabaman
 7. Pheexiroosii fi bartoota
 8. Obboleewwan Yesuus (7:1-13)
 9. Yihudoota Yerusaaalem keessaa (7:14-8;59;10:1-42)
 10. Bartoota kutaa olaanaa keessatti (13:1-17:26)
 11. Qabamuu fi gara mana murtiitti fudhatamu Yihudii (18:1-27)
 12. Gara mana murtiitti fudhatamuu warra Roomaa (18:28-19:16)
 13. Haasaa du'aa ka'ee booddee taasise 20:11-29
 - a. Maariyaam wajjin
 - b. Bartoota kurnan wajjin
 - c. Toomaas wajjin
 14. Haasaa dhuma Pheexiroos wajjin (21:1-25)
 15. (7:53-8:11, Seenaa dubartii ejjituu, jalqabumaa kaasee dhagna wangeela Yohaannis hin turre!
- D. Guyyooti Waaqeffannaa/ayyaana tokko tokko
1. Sanbata (5:9; 7:22, 9:14; 19:31)
 2. Ayyaana Yaadannoo guyyaa gabrummaa Misiraa jalaa itti ba'an Yihudoonni ayyaanefatan (2:13; 6:4; 11:5; 18:28)
 3. Ayyaana Mana Qulqullummaa (boqonnaa 8-9)
 4. Ayyaana warra Yihudootaa guyyaa saddeetii fi ayyaana Sadaasaa fi Muddee yeroo Yihudoonni yeroo itti Manni Quqlullummaa Yerusaaalem keessatti lammata 165 DKD yaadannoof oole yaadachuuf ayyaanefamu (ayyaana ibsaa cf. 10:22).
- E. Faayidaa ibsa "ANI" jedhuu
1. "Ani 'isa'" (4:26; 6:20; 8:24,28,54-59; 13:19; 18:5-6,8)
 2. An buddeenni jireenya (6:35,41,48,51)
 3. Ani Ifa biyya lafaati (8:12)
 4. Ana balballi hoolotaa (10:7,9)
 5. Tiksee gaariin Ana, (10:11,14)
 6. Du'aa ka'uun jireenyis Ana, (11:25)
 7. Karichi, dhugaan, jireenyis, ana (14:6)
 8. Mukichi wayinii inni dhugaan ana, (15:1,5)

DUBBISA MARSAA TOKKO (f.w ilaali)

Inni kun qo'annoo yaada irratti mari'atan qajeelchu, san jechuunis ati hiikkaa ofii keetii Macaafa Qulqulluu keetiif itti gaafatama qabda jechuudha. Tokkoon tokkoon keenya ibsaa qabnuun deemuu qabna. Ati, Macaafa Qulqulluu fi Hafuurri Qulqulluun hiikkaa keessatti dursuu kan qabdanidha. Isa kana isin numuma yaada irratti kennu duwwaadhaaf dhiisuu hin qabdanu.

Iddoo tokkotti kitaaba guutummaa Macaafa Qulqulluu si'a tokko dubbisi. Wirtuu ergaa/dhaamsa guutummaa kitaabichaa jechoota keetiin ibsi.

1. Dhaamsi/ergaa kitaabaa
2. Gosa/akaakuu barreeffamaa

DUBBISA MARSAA LAMA (ff.w ilaali)

Inni kun qo'annoo yaada irratti mari'atan qajeelchu, san jechuunis ati hiikkaa ofii keetii Macaafa Qulqulluu keetiif itti gaafatama qabda jechuudha. Tokkoon tokkoon keenya ibsaa qabnuun deemuu qabna. Ati, Macaafa Qulqulluu fi Hafuurri Qulqulluun hiikkaa keessatti dursuu kan qabdanidha. Isa kana isin numuma yaada irratti kennu duwwaadhaaf dhiisuu hin qabdanu.

Iddoo tokkotit guutummaa Macaafa Quqlullu si'a lamaffaa dubbisi. Mata dureewwan/dhimmoota ijoo tarreessii sana booda mataduricha/dhimmicha hima tokkoon ibsi.

1. Mata duree/dhimma boqonnaa jalqabaa jechaaf jechaan
2. Mata duree/dhimma boqonnaa lammaffaa jechaaf jechaan
3. Mata duree/dhimma boqonnaa sadaffaa jechaaf jechaan
4. Mata duree/dhimma boqonnaa afraffaa jechaaf jechaan
5. Kkf.

YOHAANNIS 1

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDA'A'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Sagaleetu Foon ta'e 1:1-5	Sagalee Bara Baraa 1:1-5 Dhugaa Ba'uumsa Yohaannis: Ificha Dhugaa	Seensicha mataa isaa danda'e 1:1-5	Sagalee Jireenyaa 1:1-5	Seensa mataa isaa danda'e 1:1-18
1:6-13	1:6-13	1:6-9 1:10-13	1:6-9 1:10-13	
1:14-18	Sagaleetu Foon ta'e 1:14-18	1:14-18	1:14 1:15 1:16-18	
Dhuga Ba'uumsa Yohaannis cuuphaa 1:19-28	Sagalee Lafa onaa keessaa 1:19-28	Dhuga Ba'uumsa Yohaannis 1:19-23 1:24-28	Ergaa Yohaannis cuuphaa 1:19 1:20 1:21a 1:21b 1:21c 1:22a 1:22b 1:23 1:24-25 1:26-27 1:28	Ragaa Yohaannis 1:19-28

Hoolaa Waaqayyoo	Hoolaa Waaqayyoo	Hoolaa Waaqayyoo	Hoolaa Waaqayyoo
1:29-34	1:29-34	1:29-34	1:29-34
Bartoota jalqabaa	Bartoota jalqabaa	Dhugaa Ba'uumsa Bartoota Yesus jalqabaa	Bartoota jalqabaa Yesus Bartoota jalqabaa
1:35-42	1:35-42	1:35-42	1:35-39
		1:35-36	
		1:37-38a	
		1:38b	
		1:39	
		1:4-42a	
		1:42b	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

*Kaka’umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfame ni qabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba’ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokko ni qaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba’anii jiranitti mata duree sana ni calaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga’umsa siif ta’u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaalun Macaafa Qulqulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka’umsa uumuuf ga’aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojjiirra oolchuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeeffan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa keessatti ibsamaniiru.

WARRAABBILEE 1-8TIIF HUBANNOOWWAN CICCIMOO QABIYYEE DUBBISICHAA

- A. Barreeffama xinnaa (toorii) walaloo/faaruu ti'oolojii
1. kan bara baraa, kan Waaqummaa, uumaa, Kiristoos fayyisaa, ww. 1-5 (Yesuus akka sagalee)
 2. dhuga ba'uumsa raajummaa Kiristoos ww. 6-9,15 (Yesus akka Ibsaatti)
 3. Kiristoos foon uffate Waaqayyoon ni ibsa, ww. 10-18 (Yesus akka Ilmaa)
- B. Qajeelfama Ti'oolojii ww. 1-18 fi dhaamsota yeroo ammaa
1. Yesus Waaqayyoo Abbaa wajjin durumaa kan ture ture (1a)
 2. Yesus Waaqayyoo Abbaa wajjin walitti dhufeenya cimaa michummaadhaan ture. (1b, 2, 18c)
 3. Yesus barbaachisummaa Waaqayyoo Abbaa isa ni qoodata (1c, 18b)
 4. hiikkaa hafuura hamaa irraa fayyisuu fi akka ofitti fayyadamuu Waaqayyoo Abbaa (12-13)
 5. qaama namoomaa uffachuu, Waaqni nama ni ta'a (9,14)
 6. mul'achuu, Waaqni guutummaan guutuutti mul'atee kan hubatame ni ta'e (18d)
- C. Seenaa dudduubaa Ibrootaa fi Giriikii *logos* (jecha)
1. Seenaa dudduuba Ibruu
 - a. humna jecha dubbatamee (Isa. 55:11; Far. 33:6; 107:20, 147:15, 18), akka uumama keessaa (uumama 1:3,6,9,11,14,20,24,26,29) fi eebba Paatriyaarkummaa (Uma. 27:1 ff: 49:1)
 - b. fakkeenya 8:12-23 "Ogummaa" akka uumama Waaqayyoo jalqabaatti fi abbaannaa (bakka bu'aa) uumama hundaatti fakkeenya gaarii ni godha.
 - c. Targums (hikkaawwanii fi yaada kennuu Armaayikootaa) gaalee "sagalee Waaqayyoo" *logos* dhaan bakka buusu, sababni isaas jechoota beelladoota akka namaatti ilaallaman isaanitti waan hin gammadneefi.
 2. Seenaa dudduubaa Giriikii
 - a. Heracleitus – jechichi sochii fi jijjiirama kan itti fufu keessatti argama ture; Waaqummaa miira dhuunfaatiin hin oofamnee fi hin jijjiiramne *logos* walitti qabamanii fi adeemsa jijjiiramaa qajeelchan
 - b. Pilaatoo – miira dhuunfaatiin hin oofamnee fi hin jijjiiramne *logos* pilaanetii barumsa yeroo muraasa irra ture eegee fi Waaqtiilee murteesse.
 - c. Stoics – *logos* "sababa biyya lafaa" ykn hojii adeemsisaa ture, garuu nama gamisa ture
 - d. Philo – inni ilaalcha *logos* akka "Lubni Hangafi lubbuu namaa fuuldura Waaqayyooti dhiheessuutti ykn "riiqicha namaa fi Waaqayyoo gidduu" ykn "qonnaan bulaa isa Balaliisaan bantiiwwan Waaqaaf lafaa wantoonni hundinuu ittiin sochoo'u" (*kosmocrater*) dhala namaatti fakkeessa.
- D. Wahiyooowwan sirnoota ti'oolojii/falaasama Jinostiikii dagaagan jaarraa lammaffaa DKB
1. Karaa falaasama waa'ee jireenyaa (jireenya bara baraa) qo'atuun Hafuuraa fi wanta ta'e gidduu waan lama kan faallaa deemu.
 2. Wanti hamaa fi atakamaadha; Hafuurri gaariidha.
 3. Sirni Jinostikii tartiiba sadarkaawwan ergamumaa (*aeons*) Waaqa guddaa, gaarii fi Waaqa gad aanu isa wantoota qajeelchuu/sirreessuu danda'u gidduu akka dhugaatti ni fudhata. Tokko tokko sirumaayyuu Waaqni gadi aanaan kun YHWH Kakuu Moofaa(akkuma Marcion) ta'usaa ijannoo cimaadhaan dubbatu.
 4. Fayyinni kan ittiin dhufu
 - a. beekumsa dhoksaa ykn paaswardii isa nama tokko sadarkaalee ergamummaa kanniin karaa itti isaan Waaqayyoo wajjin gamtaa ittiin uumaniinif, ittiin darbuuf isaaf heyyamu
 - b. qaanqee Waaqummaa nama hunda keessa isa isaan hamma dhoksaa beekumsaa argatanitti waa'ee isaa hubannaa hin qabaanne.
 - c. Bakka bu'aa namaa addaa kan mul'ataa isa beekumsa dhoksaa kana dhala namaatiif kennu (Hafuura Kiristoos)
 5. Sirni Waaqummaan Yesuus ittiin cimee dubbatame kun, garuu qaama namoomaa uffachuu isa dhugaa fi isa dhaabataa isa iddoo humna hafuura hamaa irraa fayyisuu Isaa ni gana!

- E. Yoomessa seena qabeessa
1. Waraabbileen 1-18 jecha *logos* jedhamu fayyadamuudhaan sammuuwwan Ibruu fi Giriikii lamaanuu walitti firoomsuuf carraaqaniidha.
 2. Shakkiin Jinoostizimii kanaa seensa sirrumatti qindaa'e Wangeela Yohaannis kanaaf falaasama dudduubaati. Ergaa Yohaanni inni duraa tarii xalayaa qola Wangeelichaa ta'uu ni mala tureeyyu. Sirni ti'oolojii karaa "Jinoostizimiidhaan" waamamu kun hamma jaarraa lammaffaatti barreessuudhaan beekama ture, garuu dhaamsoonni Jenostikii reefuu Marfata Galaana Du'aa fi philo keessatti ni argamu.
 3. Wangeelonni kan biroo kunniin (keessattuu Wangeela Maarqos) Waaqummaa Yesus (dhoksa Masihummaa) hamma Kaalvaariitti ni golga, garuu Yohaannis, booddee baay'ee ni barreessa, ergaawwan baay'ee barbaachisan Yesus akka guutummaa Waaqayyoo fi akka guutummaa namaa (Ilma Namaa, cf Hisq. 2:1 fi Dan. 7:13) boqonnaa tokko keessatti ni dagaagsa.
- F. Mata duree Addaa Ilaali: Wangeela Yohaannis 1 Ergaa Yohaannis isa duraa wajjin yommuu wal bira qabamu 1Yohaannis 1:1 keessatti.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:1-5

¹Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyoo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyoo ture. ²Inni kun jalqabumaa jalqabee Waaqayyoo bira ture. ³Wanti hundinuus isumaan ta'e, waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru. ⁴Jireenyi isa keessa ture; jireenyichis ifa namootaa ture. ⁵Ifichi dukkana keessatti ni ibsa, dukkanichi immoo isa bira ga'uu hin danda'u.

1:1 "Jalqaba" Inni kun Uumama 1:1 calaqqisiisa akkasumas immoo dabalataanis 1Yohaannis 1:1 keessatti akka wabii foon ufachuutti faayidaarra oolee jira. 1Yohaannis Wangeelichaaf xalayaa qolaa turuun isaa waan danda'amu. Lamaanuu Jinoostiizimii wajjin waliigalu. Waraabbileen 1-5 mirkaneeffannaa Waaqummaa Yesus Kiristoos uumamaan dura tureti. (cf. 1:15; 8:56-59; 16:28; 17:5; 2Qor. 8:9; Fil. 2:6-7; Qol. 1:17; Ibr. 1:3; 10:5-8).

Kakuu Haaraa akka armaan gadiitti ibsama

1. Uumama haaraa, kufaatiidhaan kan hin badne (sunis, Uma. 3:15 dhala namaatiif guutame/galmaan ga'ame)
2. Biyya haaraa to'atamte (Lafa kakuu galameefi)
3. Seera ba'uu haaraa (kakuu galmaan ga'ame)
4. Muusee haaraa (seera kennaa)
5. Iyyaasuu haaraa (cf. Ibroota 3-4)
6. Mannaa haaraa (cf. Yoh. 6) kanaaf, kf, keessattuu Ibroota keessatti.

MATA DUREE ADDAA: ARCHĒ

Jechi "handhuurri lafaa" jecha Giriikii archē, sana jechuunis "jalqaba" ykn "madda/bu'ura" wanta ta'ee jechuudha.

1. jalqaba tartiiba isa uumamee (cf. Yoh. 1:1; 1Yoh. 1:1; Ibr. 1:10)
2. jalqaba wangeelichaa (cf. Mar. 1:1; Fil. 4:15, 2Tas. 2:13, Ibr. 2:3)
3. dhuga ba'uumsa ijaan argame duraa 9cf. Luq. 1:2)
4. mallattoowwan jalqabaa (dinqiiwwan cf. Yoh. 2:11)
5. ilaalcha jalqabaa (cf. Ibr. 5:12)
6. dhugaawwan wangeelaa bu'ureeffachuudhaan wabii jalqabaa (cf. Ibr. 3:14)
7. jalqaba, Qol. 1:18; Mul. 3:14

Akka "ajajaa" ykn "aangootti" faayidaarra kan oolu akka ta'uuf dhufe

1. qondaaltoota namaa bulchaa jiranu,
 - a. Wangeela Luqaas 12:11

- b. Wangeela Luqaas 20:20
- c. Roomaa 13:3; Tiitoo 3:1
- 2. aangoowwan ergamummaa
 - a. Roomaa 8:38
 - b. 1Qor. 15:24
 - c. Efe. 1:21; 3:10; 6:12
 - d. Qol. 1:16; 2:10,15
 - e. Yihudaa 2. 6

Barsiisonni sobaa kunniin aangoowwan hunda, kan lafaas ta'ee kan Waaqaa ni xureessu. Isaan warra safuu hin beekneedha. Isaan Waaqayyo, ergamoota, abbootii taayitaa siiviilii, dursitoota waldaa kiristiyaanaa dura ofii fi fedhii isaanii dursisiisu.

▣ **“ture”** (si'a sadi) Inni kan IMPERFECT TENSE (cf. ww. 1,2,4,10) isa yeroo darbe keessatti itti fufuudhaan jiraachuu isaa irratti xiyyeeffatudha. TENSE kun dursee jiraachuu logos argisiisuuf fayyada (cf. 8:57-58; 17:5,24; 2Qor. 8:9; Qol. 1:17; Ibr. 10:5-7). AORIST TENSES ww. 3,6 fi 14 wajjin wal bira qabamuuf ni gargaara.

▣ **“sagalicha”** Jechi Giriikii logos ergaadhaaf eerame, jechuma tokko qofaa miti. Dubbisa kanakeessatti mata duree isa warri Giriikii “sababa biyya lafaa” akkasumas warri Ibrootaa akka “Ogummaa” wajjin walfakkaatutti ibsuuf faayidaarra ooleedha. Yohaannis sagaleen Waaqayyo namas ergaas ta'uu isaa jabeessee himuudhaaf jecha kana filate. Hubannoowwan ciccimoo dubbisichaa ilaali, C.

▣ **“Waaqayyo bira”** “Bira”n “fuulaa fi fula” jedhamee gaheeffamuu ni danda'a. Inni jechuumaa walitti dhufeenya cimaa ni argisiisa. Inni dabalataanis gara ilaalcha barbaachisummaa Waaqummaa fi ibsamuu sadan Waaqa tokkoo ni argisiisa. (Mata duree Addaa ilaali: Sadan Waaqa Tokko 14:26 irratti). Kakuu Haaraawanta dhugaa hin akkaanne garuu dhugaa Yesus Abbaa irraa addaan kan ba'e, garuu immoo dabalataanis Inni Abbaa wajjin tokko ta'uu isaa jabeessee ni hima.

▣ **“Sagalichi ofi isaa Waaqayyo ture”** GOCHAMNI kun IMPERFECT TENSE dha, akkuma w.l.a. Barreeffamni wayiituu (inni MATA DUREE ibsu, F.F.Bruce, *gaaffileedhaaf Deebilee*, f 66 ilaali) *Theos* wajjin hin jiru, garuu *Theos* gaalee Giriikii keessatti xiyyeeffannaa kennuudhaaf jalqaba kaa'ame. Waraabbiin kunii fi 2. 18 ibsoota ciccimoo guutuu Waaqaa Logos dursee jiruudha (cf. 5:18; 8:58; 10:30; 14:9; 17:11; 20:28; Rom. 9:5; Ibr. 1:8; 2Phex. 1:1). Yesuus gutummaan guutuutti Waaqa, akkasumas guutummaan guutuutti nama (cf. 1Yohaannis 4:1-3). Inni Waaqayyo Abbaa wajjin tokko miti, garuu Inni akkuma Abbaa aangoo Waaqummaa guddaa qaba.

Kakuu HaaraaWaaqa guutuu ta'uu Yesuus nama Naazireet cimsee ni dubbata, garuu namummaa nama hin dogoggorsiiifne Abbaa ni ittis. Humni Waaqummaa tokko Wangeela Yohaannis 1:1; 5:18; 10:30, 34-38; 14:9-10; fi 20:28, keessatti xiyyeeffannaa argateera, yamuu addummaan isaanii Wangeela Yohaannis 1:2,14,18; 5:19-23; 8:28; 10:25,29; 14:11,12,13,16 keessatti xiyyeeffannaa argatanitti.

1:2 Inni kun waraabbi 1 wajjin cennaayiidha akkasumas immoo ibsaa Waaqayyo tokkicha kophaatti amanuu isa Yesuus, inni naannawa gara bara Dh.KD 6-5 keessatti dhalate, Abbaa wajjin tureera waan ta'eefis Waaqayyoodha jedhu dhugaanama naasisu lammaa ni addeessa.

1:3 “Wanti hundinuus Isumaan ta'e” Logos bakka bu'aa uumamaa kan mul'atu fi kan hin mul'anne Abbaat ture (cf. W. 10; 1Qor. 8:6; Qol. 1:16; Ibr. 1:2) Inni kun shoora ogummaan Far. 33:6 fi Fak. 8:12-3 keessatti taphatuun tokkuma/Ibroota keessatti “ogummaa”n MAQAA saala DUBARTII fakkaatudha).

▣ **“waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru”** Inni kun barsiisni sobaa gaarummaa ergamummaa Waaqaa guddaa gaarii fi gadi aanaa isa karaa hafuuraatiin jiraataa sirraa'e, wanta dursee ture gidduu jiru Jenostikii dogoggora ta'uu isaa kan mirkaneessuudha (Hubannoowwan ciccimoo dubbisichaa ilaali, D.)

1:4 “jireenyi isa keessa ture” Gaaleen kun kan addeessaa jiru isa “jireenyi” ofii isaatii ilma, sagalicha irraa dhufuu isaati. Yohaannis jireenya du’aa ka’uumsa argatu, jireenya bara baraa, jireenya Waaqayyoo eeruuf jecha zo’e jedhu ni fayyadama (cf. 1:4; 3:15; 36:4,36:5:24;26;29;39;40;6:27,33,35,40,47,48,51,53,54,63,65, kkf). Jechi kan biraa Giriikii “jireenyi bios jireenya lafaatiif, jireenya baayoolojiitiif faayidaarra oola ture (cf. 1Yoh. 2:16).

▣ **“jireenyichi ifa namootaa ture”** ifni bakka bu’aa beekamaa Yohaannis dhugaa fi beekumsa Waaqayyootiif fayyadamuudha. (cf. Yoh. 3:19; 8:12; 9:5; 12:46). Yaadadhu jireenyichi dhala namaa hundumaa fi (eeru Far. 36:6-9 ta’a). Ifnii fi dukkanni dabalataanis Marfaa Galaana Du’aa keessatti dhaamsa waliigalaat turani. Yohaannis yeruma hundaa ofii isaa jechootaa fi akkaauuwwan karaa lamaatiin (wal bira qabamaniin) ibsa.

1:5 “Ifichi dukkanicha keessatti ni ibsa” Inni kun PRESENT TENSE dha, san jechuunis gochaa itti fufeenya qabu. Yesus yomiyuu jiraateera, amma garuu ifumana ifa biyya lafaatti mul’ateera (cf. 8;12; 9:5; 12:46). Kakuu Moofaakeessatti qaamaan ykn namaan mul’achuun Waaqayyoo yeruma hunda ergamaa Gooftaatiin ibsama ture (cf. Uma. 16:7-13; 2:11-15; 31:11, 13:48:15-16; Ba’u 3:2,4; 13:21; 14:19; Abo. 2:1; 6:22-23; 13:3-22; Zak. 3:1-2). Tokko tokko inni kun isa logos otuu foon hin uffatin dura ture ta’uusaa jabeessanii ni dubbatu.

MATA DUREE ADDAA: ERGAMAA WAAQAYYOO

Waaqmo pfoo Osaa qaa,aam nama keessatti Kakuu Moofaa irraa jalqabee of ibsuun isaa waan ifaadha. Gaaffiin warra sadan Waaqa tokkotti amananiif ta’u nama sadan Waaqa Tokkoo kamtu shoora kana guuta jedhu. Hamma Waaqayyoo Abbaa (YHWH) fi Hafuurri Isaa otuu addana hin ba’in kan hin jiraanne ta’ee, mul’achuun namoomaa kunniin Masihii otuu foon hin uffatiniin dura ture kan yaada dhiheessuu danda’an fakkaata.

Theophany tokko bifa ergamummaa irraa addaan baasuuf namni tokko kan rakkatu ibsuuf ibsooni armaan gadii kan ibsan ta’uu isaanii yaada keessa glfadhaa.

1. Ergamaa Waaqayyoo akka ergamaa tokkoo
 - a. Uma. 24:7,40
 - b. Ba’u 23:20-23;32:34
 - c. Lakk 22:22
 - d. Abo. 5:23
 - e. 2Sam. 24:16
 - f. 1Sam. 21:15-30
 - g. Zek. 1:12-13
2. Ergamaan Waaqayyoo akka theophanytti
 - a. Uma 16:7-13; 18:1-19:1; 22:11-15; 31:11,13; 48:15-16
 - b. Ba’u 3:2,4; 15:19 (13:21)
 - c. Abo. 2:15; 6:22-24; 13:3-23
 - d. Hos. 12:3-4
 - e. Zek. 3:1-5

▣ **NASB, NKJV** “**dukkanichi immoo isa bira ga’uu hin danda’u.**

NRSV “**dukkannis isa hin argatu”**

TEV “**dukkanichis gonkumaa isa hin baasu”**

NJB “**dukkanichis immoo isarratti humna guddaa godhachuu hin dandeenye”**

Hundeen hiikkaa jecha (katalambanō) “jabeessanii qabuuf” jechuudha. Kanaafuu, inni (1) yookii humna guddaa qabaachuuf jabeessanii qabuu 9cf. Mat. 16:18) ykn (2) qalbeeffachuuf ykn hubachuu sirritti qabachuu jechuu danda’a. Yohaannis tarii isaan lamaanuu irratti yaada kaasuuf wanta hiika tokko caalaa qabu kan karaa addaa addaatiin hiikamu kanatti fayyadameera ta’a. Wangeelli Yohaannis kan amaleeffatame yaadota dachaa walfakkaataniin (fakkeenyaaf “lammata kan dhalate fi/ykn “olii kan dhalate” 3:3 fi “qilleensaa” fi/ykn “hafuura,” 3:8)

GOCHA HIMNI (katalambanō) barreeffama yohaannis keessatti si’a lama duwwaa mul’ata (8:3,4 keessatti mul’achuun isaa sirri miti) 1:5 keessatti dukkanni hubachuu/caaluu hin danda’u akkasumas dukkanni 12:35 inni

ifa (Yesus/wangeela) hin fudhan, iddoon isaa ni qabatama. Fudhachuu dhiisuun walii wallaaluu keessatti bu'aa ta'a, fudhachuun immoo Waaqessuu keessatti bu'aa ta'a!

Manfred T. Braa'uch, caaffata walnama duraa dhahu (Abusing Scripture), f 35 haala namaa amalaan ni kaa'a.

1. baduu, Luqaas 15
2. dukkana, Yohaannis 1:5
3. diinummaa Roomaa 5:10
4. gargar bu'uu, Efe. 2:15-17
5. Waaqayyoo malee jiraachuu Rom. 1:18
6. jireenya Waaqayyootirraa akka warra saba Waaqayyooti jiraachuu, Efe. 4:17-18
7. Keessa Deebiin gaariin cubbuu namaa Rom. 1:18-3:23 keessatti ni argama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:1-5

⁶Namni Waaqayyoo biraa ergame tokko ture, maqaan isaa Yohaannis jedhama. ⁷Inni kun dhugaa ba'uudhaaf dhufe, namoonni hundinuu dubbii isaatiin akka amananiif waa'ee ifichaa dhugaa ba'e. ⁸Inni ofii isaa ificha hin turre, waa'ee ifichaa akka dhugaa ba'uuf ergame malee.

1:6-8 Waraabbileen kunniin fi v. 15 (yaadannoo odeeffannoo muraasa kennu tokko) dhuga ba'uumsa Yohaannis cuuphaa Yesusiif qabu galmeessaniiru. Inni Raajii isa dhuma Kakuu Moofaature. Waraabbilee kanniin bifa walaloo/faaruutiin kaa'uun baay'ee ulfaata. Barattoota gidduutti akka jalqabni isaa walaloo ykn hololoo ta'eef kaanitti mormii guddaan ni jira.

Yohaannis cuuphaan raajicha dhuma Kakuu Moofaature (miira ergaa fi ilaalcha isaa keessatti). Inni raajii Mil. 3:1 fi 4:5 keessatti raajameef kan karaa mijeessu ture (cf. Yoh. 1:20-25). Yohaannis Duuka Bu'ichi tarii ww. 6-8 gammaduu ni mala. Sababni isaas hubanna dhabuu durfamee naannawa Yohaannis cuuphaatti dagaagee tureef (cf. Luqaas 3:15; HoE 18:25; 19:3). Yohaannis, barreessitoota wangeelota biroo caalaa booddee barreessite, dagaagina rakkina kanaa ni arge.

Kiristoos GOCHA HIMA IMPERFECT TENSE (dura kan jiru) dhaan ibsamuun isaa waan namatti tolu ta'uu isaa yaadatamuu qaba, yommuu Yohaannis AORIST (yerootti kan mul'atu) fi GOCHA HIMA PERFECT TENSE (gochaa seena qabeessa isa bu'aa darbeen ibsamu) keessaan ibsametti (cf. v. 6). Yesus yeruma hundumaa jiraateera.

1:7 “**namoonni hundinuu dubbii isaatiin akka amananiif**” Inni kun gaalima kaayyooti. Wangeelli Yohaannis, akkuma Wangelota hundumaa (akaakuu kiristiyaanaatiin) tiraaktii wangeelummaati. Inni kun warra amantii Kiristoos isa ifa biyya lafaa ta'ee (cf. W. 12: Yoh. 3:16; 4:42; 20:31; 1Xim. 2:4; Tiitoo 2:11; 2Phex. 3:9; 1Yoh. 2:1; 4:14) shaakalan hundumaaf affeerraa fayyinaa isa dinqiidha.

1:7,12 “**amanuu**” GOCHI HIMNI kun Wangeela Yohaannis keessatti si'a 78, ergaawwan Yohaannis keessatti immoo si'a 24 faayidaarra oolee jira. Wangeelli Yohaannis bifa MAQAATIN hin fayyadamin dhiisuu isaati fi bifa GOCHA HIMAATIIN fayyadamuun isaa waan nama gammachiisu. Amanuun (blief) deebii jalqabaa hayyuu yookiin miira jabaa tokkoo miti, garuu immoo deebii fedha ofiitiin filatamee deebi'eedha. Jechi Giriikii kun jechoota Ingiliffaa sadi'i; believe, trust, fi faithitti hiikame. Inni “Isa simachuudhaan (cf. 11). wal cinaa kan adeemuudha akkasumas “Isa fudhachuudhaan” (cf. 2. 12). Ayyaana Waaqayyootiinii fi hojii Kiristoosin raawwatameen fayyinni bilisa, garuu inni fudhatamuu qaba. Fayyinni firummaa kakuu durfamee kennamanii fi itti gaafatamummaawwaniidha.

MATA DUREE ADDAA: AMANII, AMANUU, YKN ABDACHUU (Pistis [MAQAA], *pistevō*, [GOCHIMA], *pistos* [ADJECTIVE])

- A. Inni kun jecha Macaafa Qulqulluu keessatti barbaachisaa ta'eedha (cf. Ibr. 11:16). Inni mata duree lallaba Yesuus jalqabaati (cf. Maarqoos 1:15) xinnaatee xinnaate gaaffilee kakuu lamatu jira, qalbii diddiirranaa fi amantii (cf. 1:15; HoE 3:16,19; 20:21)
- B. Hiika maddaa fi seenaa isaa

1. Jechi “amantii” jedhu Kakuu Moofaa keessatti amanamummaa, abdiin kan irratti gatamu ta'uu, yookiin kan amantiin irratti gatamu ta'u isaa fi Waaqayyoo wajjin kan ibsamuudha, nuyin wal qabatee otuu hin ta'in.
 2. Inni jecha Ibruu (emun, emunah), hiikkaa isaas “sirrii ta'uu ykn kan hin tochoone ta'uu” jedhu irraa dhufe. Amantii fayyisuun qabeenya sammuu (qajeelfama dhugaa), jireenya safuu (toftaa jireenyaa). Fi jalqabumaa kan walitti dhufu filachuu (murteessuu) nama sanaati.
- C. Fayyadama isaa Kakuu Moofaa
- Amantiin Abrahaam Masihii fuulduratti dhufurratti akka hin turre xiyyeeffannaan kan itti kannamu ta'uu qaba, kakuu Waaqayyoo isa inni ilmaa fi sanyii/qaccee akka qabaatuuf galameefi malee. 9cf. Uma. 12:12, 15:2-5; 17:4-8; 18:14). Abrahaam Waaqayyooti amanuudhaan kakuu kanaaf deebii ni argate. Inni ammayyuu waa'ee Kakuu, kanaa, isa galmaan ga'uuf waggoota soddoma fudhatee kanaa shakkii fi rakkoolee ni qaba ture. Amantiin isaa inni guutuu hin taane sun, haata'u malee Waaqayyoon fudhatamee ture. Waaqayyoo dhala namaa waan hundumaan dadhabaa ta'e isa Isa ykn kakuuwwan Isaa amantiidhaan, hammamiyyu hamma ija sanaaficcaa ta'ullee 9cf. Mat. 17:20) deebisuuf isa wajjin hojjechuuf ni fedha.
- D. Fayyadama isaa Kakuu Haaraa
- Jechi “amaname” jedhu, jecha Giriikii (*pistevō*) isa dabalataanis “amanuu”, “amantii” ykn “abdachuu”tti hiikamuu danda'u irraa argame. Fakkeenyaaf MAQAAN Wangeela Yohaannis keessatti hin mul'atu, garuu GOCHIMIMNI yeruma hundaa faayidaarra ni oola. Wangeela Yohaannis 2:23-25 keessatti akka amanamummaa carraaqii maccaatti Yesuus Nama Naazreet akka Masihiiitti fudhachuuf wanti shakkisiisu wayii jira. Fakkeenyonni kan biroo beekumsa gadi fagoo hin qabne itti fayyadama jecha “amanuu” Wangeela Yohaannis 8:31-59 fi HoE 8:13, 18-24 keessa jiru. Amanamummaan Macaafa Qulqulluu inni dhugaa deebii jalqabaa ni caala. Inni adeemsa duuka buutummaatiin hordofamuu qaba (cf. Mat. 13:20-22, 31-32).
- E. Faayidaa isaa FIROOMSEEWAN (prepositions) wajjin
1. *eis* jechuun “...tti” jechuudha. Ijaarsi addaa kun amantooni abdii/amanannaa isaanii Yesus irratti gochaa jiraachuu isaaniit xiyyeeffannaa kenna.
 - a. Isatti (Yoh. 1:12, 2:23; 3:18, 1Yoh. 5:13)
 - b. Isatti (Yoh. 2:11; 3:15,18; 4:39; 6:40; 7:5,31,39,48; 8:30; 9:36; 10:42; 11:45,48; 17:37,42; Mat. 18:6, HoE 10:43, Fil. 1:29; 1Phex. 1:8)
 - c. Anatti (Yoh. 6:35; 7:38; 11:25,26; 12:44,46; 14:1,12; 16:9; 17:20)
 - d. Ilmatti (Yoh. 3:36; 9:35; 1Yoh. 5:10)
 - e. Yesuusitti (Yoh. 12:11; HoE 19:4; Gal. 2:16)
 - f. Ifatti (Yoh. 12:36)
 - g. Waaqayyotti (Yoh. 14:1)
 2. *en* jechuun akkuma Wangeela Yohaannis 3:15; Mar. 1:15; HoE 5:14 keessatti “ssatti” jechuudha.
 3. *Epi* jechuun “itti” ykn “ittiin” jechuudha, akka Mat. 27:42; HoE 9:42; 11:17; 16:31; 22:19; Rom. 4:5,24; 9:33; 10:11; Xim. 1:16; 1Phex. 2:6
 4. DHIMMA kallattiidhaan hin taaneen firoomseedhaan ala akkuma Gal. 3:6; HoE 18:8; 27:25; 1Yoh. 3:23; 5:10 keessaa.
 5. Hoti, san jechuunis “isa sana amanuu” yoo ta'u qabiyyee maalitti amanuun akka ta'u ni kenna.
 - a. Yesus Isa Tokkicha Qulqulluu Waaqayyooti (Yoh. 6:69)
 - b. Yesus “Ani Isaa”dha (Yoh. 8:24)
 - c. Yesus Abbaa keessa akkuma jiru Abbaanis Isa keessa jira (Yoh. 10:38)
 - d. Yesus Kiristoos (Yoh. 11:27; 20:31)
 - e. Yesus Ilma Waaqayyooti (Yoh. 11:27; 20:31)
 - f. Yesus isa tokkicha Abbaa wajjin jiru (Yoh. 14:10-11)
 - g. Yesus Abbaadhaan ergame (Yoh. 11:42; 17:8,21)
 - h. Yesus Abbaa biraa dhufe (Yoh. 16:27-30)
 - i. Yesus ofii Isaa maqaa Abbaa kan kakuu “Ani Isa” jedhun ni ibse, (Yoh. 8:24; 13:19)
 - j. Nuyi Isaa wajjin ni jiraanna (Rom. 6:8)
 - k. Yesus du'ee lammata du'aa ka'eera (1Tas. 4:14)

MATA DUREE ADDAA: YESUSIIF DHUGAA BA'UU

MAQAAN (*marturia*) fi GOCHIMNI ISAA (*martureō*) “dhuga ba'uumsaa” Wangeela Yohaannis keessatti jechoota ijoodha. Yesusiif dhuga ba'uumsa danuutu jira.

1. Yohaannis cuuphaa (cf. Yoh. 1:7,8,15; 3:26,28; 5:33)
2. Yesus Ofii Isaa (cf. Yoh. 3:11; 5:31; 8:13-14)
3. Dubartii Samaariyaa (cf. Yoh. 4:39)
4. Waaqayyo Abbaa (cf. Yoh. 5:32,34, 37:8:18; 1Yoh. 5:9)
5. Caaffata (cf. Yoh. 5:39)
6. Macca yeroo Alaazaar du'aa ka'e ture (cf. 12:17)
7. Hafuura (cf. Yoh. 15:26-27; 1Yoh. 5:10,11)
8. Duuka buutota (cf. 15:27; 19:35; 1Yoh. 1:2; 4:14)
9. Bareessichi ofii isaa (cf. Yoh. 21:24)

1:8 Yohaannis Bartichi, barreessitoota Wangeelaa kan biroo irraa baay'ee turee barreessuu isaatiin rakkina isa hordoftoota Yohaannis cuuphaa kanneen Yesus hin dhageenyee fi hin fudhanne gidduutti guddate ni qalbeeffate (cf. HoE 18:25-29:7).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:9-13

⁹Ifichi inni dhugaan, inni gara biyya lafaa dhufe, anmoota hundumaaf ni ibsa. ¹⁰Inni biyya lafaa keessa ture; biyyi lafaas isumaan ta'e; biyyi lafaa garuu Isa hin beekne. ¹¹Gara biyya dhuunfaa Isaa dhufe, namoonni Isaa garuu Isa hin simanne. ¹²Hamma Isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isanaifi kenne; isaanis warra maqaa isaatti amananiidha. ¹³Isaan kun Waaqayyootti dhalatan malee, dhiigattii yookiis fedha fooniitti yookiis fedha dhiiraattii hin dhalanne.

1:9 “Ifichi inni dhugaa” Inni kun ilaalcha sirrii ykn kan amanamu ta'uu isaa ibsuun “dhugaa”dha, sobumaan faallaa ta'uu isaa qofaa miti. Inni kun tarii warra adeemsitoota Kiristoolojii sobaa jaarraa jalqabaa wajjin walitti firoomuu ni danda'a. Inni kun barreeffama Yohaannis keessatti ADDEESSA beekamaadha (cf. 3:35; 4:23,37; 6:32; 7:28; 15:1; 17:3; 19:35 fi 1Yoh. 2:8; 5:20 fi si'a kudhan Mul'ata Yohaannis keessatti). Mata Duree Addaa Ilaali. Dhugaa 6:55 fi Biyya lafaa 14:17 irratti. Yesuus ifa biyya lafaati (cf. 3:19; 8:12; 9:5; 12:46; 1Yoh. 1:5,7; 2:8,9,10). Amantoonni ifa isaa calaqqisiisuu qabu (cf. Fil. 2:15). Inni kun dukkana dhugaa isa sababa fincila

1. namootaa
2. ergamootaatiin uumame sirriitti kan wal bira qabuudha.

▣ “Inni gara biyya lafaa dhufe” Yohaannis yeruma hundaayyuu Yesuus Waaqarraa dhufe, biyya hafuuraa mootiidhaan buluu akkasumas biyya mul'atu yeroo fi sipeesiitti galuu, eeruudhaaf gaalee kana ni fayyadama. (cf. 6:14; 9:39; 11:27; 12:46; 16:28) Waraabbii kana keessatti foon uffachuu Yesuus kan eeru fakkaata. Inni kun barreeffama tiyoorii Yohaannis wantoota walfaalleessan (i.e gubbaa Vs. Gajjallaa) isa beekamaa tokkodha.



NASB “nama kamiifiyyuu ni ifa”
NKJV “nama hundumaafuu ifa ni kenna”
NRSV “nama kamiyyuu ni ibsa”
TEV “namoota hundumaa irrattiiyyuu ni calaqqisiisa”
NJB “nama hundumaafuu kan ifu”

Gaaleen kun karaa lamaan hubatamuu ni danda'a. Jalqaba, yoomessa aadaa Giriikii yaaduudhaan, inni ifa keessaa mul'ataa nama kamiyyuu keessa jiru, qaanqee Waaqummaa, eeruudhaaf. Inni kun karaa itti warri naasistoonni waraabbii kan hiikanii. Haa ta'u malee, iaalchi akkasii gonkumaa Wangeela Yohaannis keessatti hin mul'atu. Yohaannisiif, “ifni” jal'ummaa dhala namaa hunda ni mul'isa (cf. 3:19-21).

Lammaffaa, inni mul'ata uumamaa eeruu hin danda'u, (Inni sun Waaqayyo karaa uumamaatiin beekama [cf. Far. 19:1-5; Rom. 1:19-2] ykn miira haamlee keessaa [cf. Rom 2:14-15] caalaatti garuu Waaqayyo Yesuusiin, beekumsa/hubannoo fi fayyina nuuf kenne, ifa dhugaa isa tokkicha.

1:10 “biyya lafaa” Yohaannis jecha kosmos jedhu karaa filataman sad'iin itti dhimma ba'a.

1. bantiwwan Waaqaaf lafa arginu (1:10,11; 11:9; 16:21; 17:5,24; 21:25)
2. dhala namaa hunda (1:10,29; 3:16,17; 4:42; 6:33; 12:19,42; 18:29)
3. hawaasaa namaa kufe gamtaa'e fi Waaqayyorraa fagaachuu godhate (7:7; 15:18-19; 1Yoh. 2:15; 3:1,13)

Dubbisa kana keessatti #2 hojiirra ooluu kan danda'u. Mata duree Addaa 14:17 irratti ilaali.

▣ **“Biyyi lafaa garuu Isa hin beekne”** Warri ormootaas ta'ee warri Yihudootaa filatamanii Yesuus akka Masihii Kakuutti hin hubanne ture. Jechi “beekuu” jedhu ciigoo warra Ibrootaa “dhugaadhaaf waliigaltee hayyuu caalaa firummaa cime ni calaqqisiisa (cf. Uma. 4:1; Erm. 1:5).

MATA DUREE ADDAA: BEEKUU (irra jireenyaan keessa deebii akka fakkeenyaatti fayyadamuu)

Jechi Ibruu “beekuun” (BDB 393) miirota/ilaalchota adda addaa Qal keessatti (dirreewwan hiika jechootaa fi himaa) danuu qaba.

1. qulqulluu fi hamaa hubachuuf Uma. 3:22; Kes. 1:39; Isa 7:14-15; Yoh. 4:11
2. Hubachuudhaan beekuuf Kes. 9:2,3,6; 18:21
3. shaakalaan beekuudhaaf Kes. 3:19; 4:35; 8:2,3,5; 11:2; 20:20; 31:13; Iya. 23:14
4. xiinxaluuf Kes. 4:39; 11:2; 29:16
5. dhuunfaadhaan beekuudhaaf
 - a. nama tokko Uma. 29:5; Ba'u. 1:8; Kes. 22:2; 33:9
 - b. Waaqa tolfamaa Kes. 11:28; 13:2,6,13; 28:64; 29:26; 32:17
 - c. YHWH Kes. 4:35,39; 7:9; 29:6; Isa. 1:3; 56:10-11
 - d. saalqunnamtii Uma. 4:1,17,25; 24:16; 38:26
6. beekumsa yookin dandeettii baratame tokko Isa. 29:11,12; Amos 5:16
7. ogeessa ta'uu Kes. 29:4; Fak. 1:2; 4:1; Isa. 29:24
8. Beekumsa Waaqayyoo
 - a. Muusee Kes. 34:10
 - b. Isiraa'el Kes. 31:21,27,29

1:11 “Gara biyya dhuunfaa Isaa dhufe, namoonni Isaa garuu Isa hin simanne” Dhuunfaa Isaa w. 11 keessatti si'a lama tajaajila Akkaataan caasluugaa inni jalqabaa “DANOOMA DHIIRAS DUBARTIIS” kan hin taanedha, akkasumas (1) uumama hunda (2) karaa joogiraafitiin 9taa'umsa lafaatiin) Yihudaa ykn Yerusaaalem eera. Inni lammataa immoo DANOOMA DHIIRAA/KORMAYYAA yoo ta'u, akkasumas immoo saba Yihudootaatiif eera.

1:12 “Hamma Isa simataniif immoo” Inni kun kan argisiisu kutaa namummaa fayyinaa argisiisa 9cf. v. 16). Dhalli namaa Kiristoosiin affeerraa ayyaana Waaqayyootiif deebii kennuu qaba (cf. 3:16; Rom 3:24; 4:4-5; 6:23; 10:9-13; Efe. 2:8-9). Waaqayyo shakkii tokko malee abbaa aangoo daangaa hin qabnee ta'ullee birmadummaa Isaatiin namummaa kufee wajjin firooma kakuu waliigalaa cimaa ni qaba. Dhalli namaa kufe qalbii diddirrachuu, amanuu, abboomamuu fi amantiidhaan cimuu qaba.

Ilaalchi “simachuu” kun gama ti'oolojiitiin “qalbii diddirrachuu” isa ogummaa namoota Yesus akka Kiristoositti amanuu agarsiisu, wajjin wal cinaa adeemu, (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:22; 12:42; 1Xim. 6:12; 1Yoh. 2:23; 4:15). Fayyinni kennaa isa simatamuu ykn bekkamtummaan kennamuufii qabuudha.

Warri kanneen Yesus “simatan” (1:12) Abbaa Isa erge ni simatu 9cf. 5:43; 13:20). Fayyinni walitti dhufeenya dhuunfaa Waaqayyo Gooftaa wajjin taasifamuudha!

▣ **“Aboo isaaniif kenne”** Jechi Giriikii (i.e. *exousia*) jechuu (1) aangoo seera ykn (2) mirga ykn mirga addaa jechuu ta'uu ni danda'a (cf. 5:27; 17:2; 19:10,11). Ilmummaa fi ergama Waaqummaa Yesuus dhalli namaa kufe Waaqayyo beekuu fi akka Waaqayyo Abbaatti beekamtii Isaat kennuu ni danda'a.

▣ **“Ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif”** Barreessitoonni Kakuu Haaraadhaabbatumaan kiristiyaanummaa ibsuudhaaf bakka buusota walfakkaatan ni fayyadamu (1) Abbaa; (2) Ilma; (3) ijoollee, (4) lammata kan dhalate, fi (5) kan guddifame. Kiristiyaanummaan maatii tokkoof walfakkaachuudha, oomishaa (gara Waaqaa deemuuf tikkeettii, poolisii inshuraansii ibiddaa) miti. Amantoonni Kiristoos “saba Waaqayyoo” dhagna ti'oolojii du'aaf firdiidhaaf dhiphatan ta'aniiru. Akka ijoolleetti nuyi amala Abbaa akka wanta addaa hojjetetti calaqqisiisuu qabna (cf. W. 14:3:16) (cf. Efe. 5:1; 1Yoh. 2:29; 3:3). cubbamootaaf mata duree hammam rifachiisuu (cf. 11:52; Rom 8:14,16,21; 9:8; Fil. 2:15; 1Yoh. 3:1,2,10; 5:2; Hos. 1:10; Rom. 9;26 fi 2Qor. 6:18 keessatti eeramee jira).

Waa'een jechoota Giriikii lama ijoollees baay'ee kan nama gammachiisuudha, inni tokko yeruma hundaa Yesusi (*huios*) waa'ee ba'a, inni kan biroo(*teknon, tekna*) amantootaaf yoo fayyadu. Kiristiyaanonni ijoollee Waaqayyooti, garuu akka Ilma Waaqayyo, Yesus ramadii tokko keessa hin jiranu. Walitti dhufeenyi Isaa adda, garuu yommuu wal bira qabamu tokkuma.

Jechi waldaa kiristiyaanaa (*ekklēsia*) jedhu Wangeela Maarqos Wangeela Luqaas, ykn Wangeeha Yohaannis keessatti hin mul'atu. Isaan matayyaa adda ta'ee fi hirmaannaa obbolummaa Haafuuraatiif bakka buusa maatiif fayyadamu.

▣ **“Warra amanan”** Inni kun “PRESENT ACTIVE PARTICIPLE yoo ta'u, hiikkaan isaan “kanneen warra amanuuf itti fufan” jechuudha. Seenaan duubaa qo'annoo saayinsii jechaa fi hiikaa jecha kanaa hiikkaa bara tokko wajjin jiraatan hundeessuu gargaara. Ibrudhaan inni sirrumatti nama ijannoo dhaabbataa/hin jijjiiramne qabu dheereera. Inni bakka buusaan nama tokko isa abdatamu, kan amanamuu fi amanamaa ta'ee faayidaarra ooluudhaaf dhufe. Jechi Giriikii isaan qixa ta'e jechoota Afaan Oromoottis “amantii” “amanuu” fi “abdachuu” jechuudhaan ni hiikama. Amantiin Macaafa Qulqulluu yokin abdiin wanta nuyi goonu tokkoof wanta jalqabaa miti, garuu nama tokko kan abdiin keenya irratti ganne malee. Inni amanamummaa keenya otuu hin ta'in, amanamummaa Waaqayyoo, isa xiyyeeffannaa ta'eedha. Dhalli namaa kufe amanamummaa Waaqayyoo ni amana, abdiidhaan guutamuu Isaatti ni amana, Jaal'atamaa ta'uu Isaatti ni amana. Xiyyeeffannichi amantii namaatiif safara maleedhaan ykn ballinaan miti, garuu sababa amantii sanaati malee. Mata Duree Addaa 1:7 fi 2:23 irratti ilaali.

▣ **“Maqaa Isaatti”** Kakuu Moofaakeessatti maqaan nama tokkoo baay'ee barbaachisaa ture. Inni waa'ee amala isaanii ykn ibsa amala isaanitiif raajii abdiin guutame/humna guddaa qabu ture. Maqaa isaatti amanuu jechuun nama sana amanuu fi simachuu jechuudha (cf. 2:23; 3:18; 20:31; 1Yoh. 5:13), Mata Duree Addaa: Maqaa Gooftaa 15:16 irratti ilaali.

1:13

NASB, NKJV, NRSV

“dhiigatti kan dhalatan fedha foonitiiyis, jaalala namaatiyis Waaqayyooti dhalatan malee.

TEV

“Isaan kun Waaqayyooti dhalatan malee, dhiigattii ykn fedha fooniittii yookiis fedha dhiiraatti hin dhalanne.

NJB

“Isaan kun qaccee namaatirraa ykn yaada gaarii foonii ykn fedha namaatiin hin dhalanne”

Abbootiin/maanguddoonni waldaa kiristiyaanaa durii (i.e Irenaeus, Origan, Tertuliyaan, Ambroosa, yeromee, Awgustiin) gaalee kana akka Yesus (i.e LEEEXAA) eeraa jirutti ni ilaalu, garuu guutummana guutuutti injifachuun ragaa dubbisa Giriikii HEDDOOMA (HEDDOOMNI) jecha kanaa as Kakuu HaaraaUBS4 akka “A”tti isa tilmaamu keessatti qofaa argama, isa jechuunis waraabbiin kun amantoota Yesuus eeraa jirutti ni ilaalu, garuu guutummana guutuutti injifachuun raa dubbisa Giriikii HEDDOOMA (HEDDOOMNI) jecha kanaa as Kakuu Haaraa: UBS4 akka “A”tti isa tilmaamu keessatti qofaa argama, isa jechuunis waraabbiin kun amantoota Yesuus eera (cf. 3:5; 1Phex. 1:3,23), kanaaf, inni mirga addaa sanyii namaa ykn fedha foonii qaccee namaa (“dhiiga”xinnoo) hin eeru, garuu immoo filatamtoota fi fakkiiwwan Waaqayyoo kanneen warra Ilma Isaatti amananiif malee (cf. 6:44,65). Waraabbileen 12 fi 13 madaallii kakuu birmadummaa Waaqayyoo fi gaaffii fedha namaatiif jiru gidduu ni agarsiisu.

GOCHAMNI Giriikii (AORIST PASSIVE INDICATIVE) hima Giriikii keessatti xiyyeeffannaa kennuudhaaf dhumarra kaa'ame. Inni kun jajjabeessaa fi shoora aangoo Waaqayyoo daangaa hin qabne lammata dhalachuu keessatti (i.e, “Waaqayyotti dhalatan malee, innis kutaa gaalee dhumaa isa ta'eedha, (cf. 6:44,65) ni addeessa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:14-18

¹⁴Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate. Ulfina Isaa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutes agine; ulfinni isaas isa Ilmi tokkichi Abbaa Isaa irraa argatu ture. ¹⁵Yohaannis waa'ee Isaatiif dhugaa ni ba'a; sagalee isaa ol fudhatee “Inni ana booddee, dhufu ana irra caala, ana dura ture’o, jedhee waa’ee isaa kanan dubbadhe, kunoo Isa kana” jedhe. ¹⁶Guutummaa ayyaana Isaa keessaa hundumti keenya ayyaana irratti ayyana fudhanneerra. ¹⁷Seerri Muuseedhaan kenname, ayyaannii fi dhugaan garuu Yesuus Kiristoosiin argaman. ¹⁸Homtinuu takkaa Waaqayyon hin argamne, Ilma tokkicha Isa Abbaa bukkee ture sanatu waa’ee isaa hiikee beeksise malee.

1:14 “Sagalichi nama foonii ta’e” Yohaannis barsiisa sobaa warra jenostikii, kanneen kiristiyaanummaa yaada warra hin amanee warra Giriikiitiin jiraniin babal’isuuf carraaqaa jiran rukutaa jira. Yesuus abdi Amaanuel guutuudhaan (cf. Isa. 7:14) dhugumaan nama akkasumas dhugumaan Waaqayyoodha (cf. 1Yoh. 4:1-3). Waaqayyo akka namaatti dhala namaa kufan gidduutti jireenya ni jalqabe (jechumaaf jecha, “dunkaana Isaa ni dhaabe”). Jechi foon jedhu Yohaannis keessatti akka barreeffamoota Phaawuloositti uumama cubbuu gonkumaa hin eeru.

MATA DUREE ADDAA: FOON (*sarx*)

Inni kun ogummaa namaa ykn madaalliwwan biyya lafaa ni eera (cf. 1Qor. 1:20; 2:6,8; 3:18). Phaawuloos jecha “foon” jedhu (i.e, sarx) barreeffamoota isaa keessatti karaa baay’eedhaan itti dhimma ba’a.

1. dhagna namaa (cf. Rom. 2:28; 1Qor. 5:5; 7:28)
2. qaccee namaa (i.e; abbaadhaa ilma, cf. Rom. 1:3; 4:1; 1Qor. 10:18)
3. akka waliigalaatti namummaa (cf. 1Qor. 1:26,29)
4. sababa kufaatii dhala namaa Uumama 3tiif dadhabbina namaa (cf. Rom. 6:19; 7:18)

▣ **“nu gidduus buufate”** Jechumaaf jecha, inni kun “jireenya ni jalqabe” jechuudha. Inni seenaa duuduubaa yeroo jooruu lafa onaa keessaa fi Mana Qulqullummaa Yihudoodaa ni qaba ture. (cf. Mul. 7:15; 21:3). Yihudoonni booddeerra shaakala gammoojjii kana “yeroo gaa’ila booda musirroonnii fi misirrittiin bashannaaf ba’an” YHWH fi Isiraa’el gidduu ture jedhanii ni waamu. Waaqayyo yeroo kana caalaa Isiraa’elootatti hin dhihaanne ture. Waaqummaa addaatiif jechi Yihudootaa Isiraa’el yeroo kanatti “shekinahichi” turuu isaa qajeelfama kenneefii ture; jechi Ibrootaa “jiraachuuf”

▣ **“ulfina Isa ais ayyaanaa fi dhugaadhana guutes argine”** kabod (ulfinni) Kakuu Moofaaamma kunoo qaama namummaa argateera, foon namoomaa uffateera. Inni kun (1) jireenyi Yesuus keessatti wanta ta’e kan akka bifa waan tokkoo jijjiirru ykn sirrii ta’uu (i.e dhuga ba’umsa duuka buutummaa, cf. 2Phex. 1:16-17) ta’e ykn (2) ilaalcha isa YHWH hin mul’anne sun amma kan mul’atuu fi guutummaan guutuutti kan beekamee eeraa jira. Inni kun akkuma 1Yoh. 1:1-4, isa dabalataan faallaa xiyyeeffannaa jinoostikii sobaa walitti dhufeenya hafuura fi wanta tokko gidduu jiruun faallaa adeemuu xiyyeeffannaa namoomaa Yesuus ta’eeitiin kan walfakkaatuudha.

Kakuu Moofaaakeessatti jechi baay’ee baratamaan Ibruu “ulfinaa” (kabod, BDB 458) isa miizaana/madaaltoo cimidii tokko eere), jechaa fi jechatti, “kan ulfaate ta’uuf” jalqabni isaa jecha daldaat ture. Inni ulfaataa ture kan gatii qabu ykn gatii alaa argame utuu hin ta’in uumamumaan kan qabu ture jechuudha. Yeruma hundaa ilaalchi ifa ta’uu guddummaa Waaqayyoo ibsuudhaaf jechatti ni dabalama (i.e. jalqaba Mr. Siinaa irratti, duumessa ulfinaa Shekinah, ifa isa dhagna ti’oolojii waa’ee du’aa fi firdii ilaallatuu, cf. Ba’u 13:21-22; 24:17 Isa. 4:5; 16:1-2). Inni qofaa isaatti gatii guddaa fi ulfina kan qabuudha. Inni dhala namaa kufe ilaaluuf Inni garmalee baay’ee danda’aadha (cf. Ba’u. 33:17-23, Isa. 6:5). Waaqayyo Kiristoos keessaan qofaa dhugumaan kan beekamu ta’uu danda’a (cf. Erm. 1:14; Mat. 17:2; Ibr. 1:3; Yaq. 2:1).

Jechi ulfina jedhu hamma ta’e waan hiicf.isaa ifa hin taanee fi karaa addaa addaatiin hiikamuu danda’uudha.

1. inni tarii “qajeelummaa Waaqayyootiin “cinayyaa ta’uu ni mala.
2. inni tarii “qulqullummaa” ykn “guutummaan guutuutti sirrii ta’uu” Waaqayyoo eeruu ni mala.
3. Inni fakkeenya Waaqayyo isa dhalli namaa ittiin uumamee ture eeruu ni danda’a (cf. Uma. 1:26-27; 5:1; 9:6), garuu isa booddeerra haala walxaxaa ta’een fincila (cf. Uma. 3:1-22)

Inni fayyadamuun jalqabaa argamuu YAHWH (dumessichaa) saba Isaa wajjiniidha (cf. Ba’u. 16:7,10; Lew. 9:23; Lak. 14:10).

MATA DUREE ADDAA: ULFINA (DOXA)

Ilaalchi Macaafa Qulqulluu “ulfinni” ibsuudhaaf ulfaataadha. Ulfinni amantootaa isa isana Wangeelicha hubataniidha, akkasumas ulfina Waaqayyooti, kan ofii isaanii otuu hin ta’in (cf. 1:29-31; Erm. 9:3-24).

Kakuu Moofaa keessatti jechi baay’ee baratamaan Ibruu “ulfinaa” (KBD, BDB 217) jalqabni isaa jecha daldalaa madaaltoo/miizaana wajjin (“ulfaataa ta’uudhaaf” walitti firoomeedha. Inni ulfaataa ture kan gatii qabu ykn gatii alaa argame otuu hin ta’in uumamumaan qabu ture jechuudha. Yeruma hundaa ilaalchi ifa ta’uu guddummaa Waaqayyoo ibsuudhaaf jechatti ni dabalama (cf. Ba’u. 19:16-18; 24:17; Isa. 6:12). Inni qofaa Isaatti gatii guddaa fi ulfina kan qabuudha.

Inni dhala namaa kufe ilaaluuf Inni garmalee baay’ee danda’aadha (cf. Ba’u. 33:17-23, Isa. 6:5). Waaqayyoo Kiristoos keessaan qofaa dhugumaan kan beekamu ta’uu danda’a (cf. Erm. 1:14; Mat. 17:2; Ibr. 1:3; Yaq. 2:1).

Jechi ulfina jedhu hamma ta’e waan hiiki isaa ifa hin taanee fi karaa addaa addaatiin hiikamuu danda’uudha.

1. inni tarii “qajeelummaa Waaqayyootiin “cinayyaa ta’uu ni mala.
2. inni tarii “qulqullummaa” ykn “guutummaan guutuutti sirrii ta’uu” Waaqayyoo eeruu ni mala.
3. Inni fakkeenya Waaqayyoo isa dhalli namaa ittiin uumamee ture eeruu ni danda’a (cf. Uma. 1:26-27; 5:1; 9:6), garuu isa booddeerra haala walxaxaa ta’een fincila (cf. Uma. 3:1-22) Inni fayyadamuun jalqabaa argamuu YAHWH (dumessichaa) saba Isaa wajjiniidha (cf. Ba’u. 16:7,10; Lew. 9:23; Lak. 14:10).



NASB,NKJV “ulfina isaas argine, akka ulfina isa tokkicha Abbaa dhalcheti”

NRSV “ulfinni isaas is Ilmi tokkichi Abaa isaa irraa argatu ture”

TEV “ulfinni inni simate akkuma Ilma tokkicha Abaatti”

NJB “ulfinni inni kan isaa ture akkuma kan tokkicha Ilma Abbaatti”

Jechi “tokkicha” (monogenēs) jedhu “adda” “gosa jiran keessaa isa duraa” jechuudha (cf. 3:16,18; 1Yoh. 4:9, F.F. Bruus Gaaffiileedhaa Deebiiwwan, ff. 24-25 ilaali). Vulget isa “tokkicha abbaan dhalchetti” hiikee ture, akkasumas akka carraa ta’ee, hiikkaan Afaan Oromoo durii isa kana duuka ani bu’e (cf. 7:12; 8:42; 9:38; Ibr. 11:17). Xiyyeeffannana leexummaa fi adda ta’uu irratti, dhaloota fooniitirratti miti.

▣ **“Abbaa”** Kakuu Moofaan walitti dhufeenya maatummaa bakka buusa Waaqayyoo akka Abbaatti ni beeksisa.

1. sabni Isiraa’el yeruma hundaa akka “ilma” YHWHtti ibsama (cf. Hos. 11:1; Mil. 3:17).
2. kan biraa haa hafuutii Seera Keessa Deebii keessattiyyuu Waaqayyoo akka Abbaatti fakkeessuun faayidaarra ni oola ture.
3. Keessa Deebii 32 keessatti Isiraa’el “ijoollee isaa” Waaqayyos immoo “Abbaa keessan” jedhamee ni waamama ture.
4. walfakkeeniyichi Far. 103:13 keessatti ibsamee akkasuma Far. 68:5 keessatti ni dagaaga (abbaa warraa abbaa hin qabnee)
5. Inni raajota birattis kan barame ture (cf. Isa. 1:2; 63:8; Isiraa’el akka ilmaa, Waaqayyoo akka Abbaa, 63:16; 64:8; Erm. 3:7; 19:31:9).

Yesuus walfakkeenya kana fudhatee obbulummaa maatii guutuu keessatti gadi ni fageessa, keessattuu Wangeela Yohaannis 1:14,18; 2:16; 3:35; 4:21,23; 5:17,18,19,20,21,22,23,26,36,37,43,45; :7,32,37,44,35,36,57; 8:36,19,27,28,38,42,49,45; 10:15,17,18,25,29,30,32,36,37,38; 11:41; 12:26,27,38,49,50; 13:1; 14:2,6,7,8,9,10,11,12,13,16,20,21,23,24,26,28,31; 15:1,8,9,10,15,16,23,24,26; 1:3,10,15,17,25,26,27,28,32; 17:1,5,11,21,24,25; 18:11; 20:17,21!

▣ **“ayyaanaa fi dhuuadhana guute”** Cimidummaan kun jechoota Kakuu Moofaahesed (kakuu jaalalaa fi amanamummaa) fie meth (abdatamuu) kanneen Ba’u. 34:6; Hah. 9:17; Far. 103:8 keessatti faayidaarra oolanii fi babal’atan, ni hordofa, jechoonni lamaanuu walirratti Fak. 16:6 keessatti ni mul’atu. Inni kun amala Yesuus (cf. w. 17) jechoota Kakuu Moofaani ibsa. Mata Duree Addaa Dhugaa irratti 6:55 fi 17:3 irratti ilaalaa.

MATA DUREE ADDAA: GAARUMMAA JAALALA ARGISIISU (*HESED*)

Jechi kun hiika jechaa bal'aa qaba. BDBn karaa kanana isa taasia (338-339)

- A. Dhala namaatiin walqabatee fayyadeera,
 1. Namoota akka ofiitiif gara laafummaa (fakkeenyaaf 1Sam. 20:14; 2Sen. 24:22)
 2. Warra hiyyeeyyii fi gargaarsa barbaadan harka qalleeyyif gara laafummaa (Fak. Mik. 6:8)
 3. Kabaja (cf. Erm. 2:2; Hos 6:4)
 4. Argamuu (cf. Isa. 40:6)
- B. Waaqayyoo wajjin walqabatee fayyadeera,
 1. Kakuu amanamummaa fi jaalalaa
 - a. “diinotaa fi rakkinootarraa bilisa ba’uudhaan (Fak. Erm. 31:3; Iz. 27:28; 9:9)
 - b. “lubbuu du’arraa oolchuudhaan” (Far. 86:13)
 - c. “cubbuu irraa bilisa baasuudhaan” (cf. Far. 25:7; 51:3)
 - d. “jireenya hafuuraa ariifachiisuudhaan” (fak. Far. 119:41,76,88,124,149,150)
 - e. “kakuuwwan eeguudhaan” (fak. 2Sen. 6:14; Nah. 1:5; 9:32)
 2. amala Waaqummaan ittiin beekamu ni ibsa (fak. Ba’u 34:6; Mik. 7:20)
 3. arjummaa Waaqayyoo
 - a. “safara hin qabu” (fak. Nah. 9:17; Far. 103:8)
 - b. “baay’ee baay’ee guddaa” (fak. Ba’u. 20:6; kes 5:10,7:9)
 - c. “bara baraa kan jiraatu” (fak. 1Sen. 16:34,41; 2Sen. 5:13; 7:3,6; 20:21 Iz. 3:11).
 4. gochaawwan garaa laafummaa (fak. 2Sen. 16:42; Far. 89:2; Isa. 55:3; 63:7; Faru 3:22)

MATA DUREE ADDAA: AMANUU, ABDACHUU, AMANII FI AMANAMUMMAA KAKUU MOOFAA KEESSATTI (8)

I. Ibsa baniinsaa

Faayidaan yaada ti’oolojummaa kanaa ibsamuuf barbaachisummaan isaa, akka Kakuu Moofaa keessatti sirritti ibsametti hin ibsamneef. Kakuu Haaraa baay’ee baay’ee barbaachisa. Dhugumaan achitti ni argama, garuu dubbisa ijoo ta’anii fi namoota filataman keessatti ibsame.

Kakuu Moofaan wantoota armaana gadii walitti maka,

1. namoota dhuunfaa fi hawaasa
2. waan hin yaadneetti ba’uu dhuunfaa fi abboomamuu kakuu

Amantiin wana hin yaadnetti ba’uu dhuunfaa fi toftaa jireenya guyyaadhaa guyyaati! Bifa jechaa caalaa namaan ibsuun baay’ee salphaadha (i.e qo’annoo jechaa). Ilaalchi dhuunfaa kun gaariitti ibsameera.

1. Abrahaamii fi sanyii isaa keessatti
2. Daawitii fi Isiraa’el keessatti

Namoonni kunniin Waaqayyoon qunnamanii/otuu hin yaadin itti ba’anii jireenyi isanaii dhaabbataan jijjiiramee ture (jireenya muudaa hin qabne hin turre, garuu amanti addana hin cinne). Wormaatonni dadhabinnaa fi cimina amanti isaan otuu hin yaadne Waaqayyotti ba’uu qabanii mul’ise, garuu walitti dhufeenyi cimaan walitti dhufeenya amanuun yeroo isaatti addaan hin cinne ture. Inni qoratamee akkasumas calalamee ture, garuu akkuma amantiitti cimuu isaanitiifi haala jireenya isanaitiin raga argatanitti otuu addaan hin citin ittuma fufe.

II. Hiddi muummeen kan fayyade

A. (8) (BDB 52)

1. GOCHIMA

- a. Willa Qal – hirkisuu/gargaaruudhaaf, haressuudhaaf (i.e. 2Mot. 10:1,5; Ast 2:7, fayyadama kan ti’oolojii hin taane)
- b. *Niphal*-willa- sirrii ykn cimaa ta’uuf, hundeessuuf ramaduuf, amanamaa ykn abdatamaa ta’uu
 - (1) Namootaa, Isa. 8:2; 53:1 Er. 40:14
 - (2) Wantootaa, Isa 22:23
 - (3) Waaqayyoo, Kes 7:9,17; Isa. 49:7; Er. 42:5

- c. *Willa Hiphil* – cimanii ijachuuf, amanuuf, abdachuuf
- (1) Abrahaam Waaqayyoon ni amane, Uma. 15:6
 - (2) Isiraa’elonni Misir keessaa ni amanan, Ba’u 4:31; 14:31 (Kes. 1:32 keessatti ni ganan)
 - (3) Isiraa’elonni YHWH gara Muuseetiin isaanitti dubbate ni amanani, Ba’u. 19:9; Far. 106:12,24
 - (4) Anaaz Waaqayyootti hin abdanne, Isa. 7:9
 - (5) kan isatti amanu kamiyyuu, Isa. 28:16
 - (6) dhugaa waa’ee Waaqayyoo amani, Isa 43:10-12
2. MAQAA (KORMAYYAA/DHIIRA) – amanti, Isa 43:10-12 (i.e Kes. 32:20; Isa. 25:1; 26:2)
 3. DABALA GOCHIMA – dhugumaan, sirrumatti, ani nana walii gala, yoo tarii ta’e (cf. Kes. 27:15-26; 1Mot. 1:36; 1Sen. 16:36; Isa. 65:16; Er. 11:5; 28:6). Inni kun yeroo kadhannaatti “amen” jedhanii Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti faayidaarra ooludha.
- B. (BDB54) MAQAA KAN DUBARTII, cimina, amantummaa, dhugaa
1. namoota, Isa. 10:10; 42:3; 48:1
 2. Waaqayyoo, Ba’u. 34:6; Far. 117:2; Isa. 38:18,19; 61:8
 3. dhugaa, Kes. 32:4; 1Mot. 22:16; Far. 33:4; 98:3; 100:5; 119:30; Er. 9:4; Zak. 8:16)
- C. (BDB 53) cimina, kan ijannoo qabu ta’uu cimina amanamaa argisiisuu,
1. kana harkaa, Ba’u 17:12
 2. yeroo Isa. 33:6
 3. namoota Er. 5:3; 7:28; 9:2
 4. Waaqayyoof Far. 40:11; 88:12; 89:2,3,6,9; 119:138
- III. Itti fayyadama Phaawuloos ilaalcha Kakuu Moofaa kanaa
- A. Phaawuloos hubannaa haaraa YHWH fi Kakuu Moofaa karaa Damaasqoo irratti utuu hin yaadne Yesus itti dhufe dhunfaa isa ani bu’ureessa (cf. HoE 9:22; 26).
- B. KAKUU
1. Uma. 15:6 waan hin yaadamnetti ba’uu dhuunfaa Abrahaam Waaqayyoon jajjabaatee (uumama 12) jireenya amantiif aboomamaa ni argamsiise. (Uumama 12-22). Phaawuloos isa kana Roomaa 4 fi Galaatiyaa 3 keessatti ni eera.
 2. Isa. 28:16 kannene isatti amanan (i.e qoratamuu Waaqayyoo fi ciminaan dhagaa gufannaa kaa’e) gonkumaa hin ta’u)
 - a. Rom. 9:33 “yeelloof taa’uu” ykn “kan gaddisiisafame ta’uu.
 - b. Rom. 10:11, akka armaan olii
 3. Ibr. 2:4 kannene warri Waaqayyoo amanamaa beekaa jireenya amanamummaa guutame jiraachuu qabu (cf. Er. 7:28). Phaawuloos dubbisa kan Rom. 1:17 keessatti fi Gal. 3:11 keessatti ni fayyadama. (dabalataanis Ibr. 10:38 yaadannoo qabadhu).
- IV. Ittifayyadama Pheexiroos ilaalcha Kakuu Moofaa kanaa
- A. Pheexiroos walitti ni maka
1. Isa. 8:14 – 1Phex. 2:8 (dhagaa nama gufachiisu)
 2. Isa. 28:16 – 1Phex. 2:6 (dhagaa mataa golee qajeelchu)
 3. Far. 111:22 – 1Phex. 2:7 (dhagaa tuffatamaa)
- B. Inni afaa addaa isa Isiraa’el ibsu ni deebisa, dhala filatame, lubummaa sanyii mootii, saba qulqulluu, saba too’annoo Waaqayyoo ofii isaaf” too’atu kanneen.
1. Kes. 10:15; Isa. 43:21
 2. Isa. 61:6; 66:21
 3. Ba’u. 19:6, Kes. 7:6
- akkasumas amma amantii waldaan kiristiyaanaa Kiristositti amantuuf ni fayyadama.
- V. Itti fayyadama ilaalchisaa Yohaannis
- A. Fayyadama isaa Kakuu Haaraa
- Jechi “amane” jedhu jecha Giriikii (*pisteuō*) irraa argame, sunis “amanuu” amantii ykn “abdi” tti hiikamuu ni danda’a. Fakkeenyaaf, MAQAAN Wangeela Yohaannis keessatti hin mul’atu, garuu GOCHIMNI yeruma hundumaa faayidaarra ni oola. Yohaannis 2:23-25 keessatti Yesuus nama Naazireet akka Kiristoositti fudhachuuf macci sun hundi carraaquudhaan sirrii ta’uu isaatiif

miirkaneeffachuu dadhabuun jira. Fakkeenyonni kan biroo beekumsa gadi fagoo ta'e hin qabne jecha "amanuu" kanaa Yoh. 8:31-59 fi HoE 8:13, 18-24 keessatti aramu. Amantiin Macaafa Qulqulluu inni sirriin deebii jalqabaa caala. Adeemsa duuka buutummaatiin kan hordofame ta'uu qaba (cf. Mat. 13:20-22,31-32).

B. Itti fayyadama isaa FIROOMSEE Wajjin

1. *Eis* jechuun "...tti" jechuudha. Ijaarsi addaa kun amantoonni abdii/amanannaa isaanii Yesus irratti gochaa jiraachuu isaanii xiyyeeffannaa kenna.
 - a. Isatti (Yoh. 1:12, 2:23; 3:18, 1Yoh. 5:13)
 - b. Isatti (Yoh. 2:11; 3:15,18; 4:39; 6:40; 7:5,31,39,48; 8:30; 9:36; 10:42; 11:45,48; 17:37,42; Mat. 18:6, HoE 10:43, Fil. 1:29; 1Phex. 1:8)
 - c. Anatti (Yoh. 6:35; 7:38; 11:25,26; 12:44,46; 14:1,12; 16:9; 17:20)
 - d. Ilmatti (Yoh. 3:36; 9:35; 1Yoh. 5:10)
 - e. Yesuusitti (Yoh. 12:11; HoE 19:4; Gal. 2:16)
 - f. Ifatti (Yoh. 12:36)
 - g. Waaqayyotti (Yoh. 14:1)
2. *en* jechuun akkuma Wangeela Yohaannis 3:15; Mar. 1;15; HoE 5:14 keessatti "ssatti" jechuudha.
3. *Epi* jechuun "itti" ykn "ittiin" jechuudha, akka Mat. 27:42; HoE 9:42; 11:17; 16:31; 22:19; Rom. 4:5,24; 9:33; 10:11; Xim. 1:16; 1Phex. 2:6
4. DHIMMA kallattiidhaan hin taaneen firoomseedhaan ala akkuma Gal. 3:6; HoE 18:8; 27:25; 1Yoh. 3:23; 5:10 keessaa.
5. Hoti, san jechuunis "isa sana amanuu" yoo ta'u qabiyyee maalitti amanuun akka ta'u ni kenna.
 - a. Yesus Isa Tokkicha Qulqulluu Waaqayyooti (Yoh. 6:69)
 - b. Yesus "Ani Isaa" dha (Yoh. 8:24)
 - c. Yesus Abbaa keessa akkuma jiru Abbaanis Isa keessa jira (Yoh. 10:38)
 - d. Yesus Kiristoos (Yoh. 11:27; 20:31)
 - e. Yesus Ilma Waaqayyooti (Yoh. 11:27; 20:31)
 - f. Yesus isa tokkicha Abbaa wajjin jiru (Yoh. 14:10-11)
 - g. Yesus Abbaadhaan ergame (Yoh. 11:42; 17:8,21)
 - h. Yesus Abbaa biraa dhufe (Yoh. 16:27-30)
 - i. Yesus ofii Isaa maqaa Abbaa kan kakuu "Ani Isa" jedhun ni ibse, (Yoh. 8:24; 13:19)
 - j. Nuyi Isaa wajjin ni jiraanna (Rom. 6:8)
 - k. Yesus du'ee lammata du'aa ka'eera (1Tas. 4:14)

VI. Guduunfaawwan

Amantiin Macaafa Quqlulluu dubbii/waadaa Waaqummaa tokkoof deebii namaati. Waaqayyo yeruma hundaa ni jajjabeessa (i.e. Yoh. 6:44,65), garuu dhagni walqunnamtiin Waaqummaa kanaa fedhii deebii namaati.

A. amanuu

B. abboomamuu kakuu

Amantii Macaafa Qulqulluu

1. walitti dhufeenya dhuunfaati (amantii jalqabaa)
2. sirrii ta'uu dhugaa Macaafa Qulqulluu (mul'ata Waaqayyooti amanuu)
3. isaaf deebii abboomamuu walgitu tokko (amananna gaafa hundumaa).

Amantiin Macaafa Qulqulluu tiikketii Waaqatti nama galchu ykn poolisii inshuraansitii miti. Inni walitti dufeenya dhuunfaati. Inni kun kaayyoo uumamaa fi dhalli namaa akka fakkeenya fi bifa Waaqayyooti uumameedha (cf. Uma. 1:26-27). Yaadichi "walitti dhufeenya" Waaqayyo obbolummaa ni barbaada, ijannoo ti'oolojii Waaqayyo qulqulluu wajjinii ijoollee kanneen amala "maatummaa" qaban ni gaafata/ni barbaada (i.e. qulqullummaa; cf. Lew. 19:2; Mat. 5:48; 1Phex. 1:15-16). Kufaatiichi (cf. Uumama 3) dandeettii gaaffii/barbaacha mijaa'ina keenyaa nu duraa miidhe. Kanaafuu, Waaqayyo bakka keenya nuuf hojjete (cf. His. 36:27-38), "garaa haaraa" fi "hafuura haaraa", isa amantii fi qalbii diddiirraanaadhaan Isaa wajjin walitti dhufeenya akka qabaanuu fi Isaaf abboomamuu nuuf kenne!

Sadanuu baay'ee baay'ee kan barbaachisaniidha. Kun hundinuu suphamuu qabu. Galmichi Waaqayyoon beekuu fi (lamaaniiinuu hiika Ibrootinii fi Giriikiitiin) amala Isaa jireenya keenya keessatti calaqqisiisuudha. Galmi amantii guyyaa tokko Waaqa otuu hin ta'in, guyyuma hundaa Kiristoos

fakkaachuudha!

Amanamummaan namootaa bu'aadha (Kakuu Haaraa) Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenyaaf hundee/bu'uraa miti (Kakuu Moofaa) amantii namaa manamummaa Isaati; abdiin namaa abdatamuu Isaati. Garaan ilaalcha fayyinaa Kakuu Haaraa isa namoonni jalqabarra fudhachuu akkasumas ayyaanaa fi araara Waaqayyoo itti fufeenyaan jajjabeessu Kiristoosin ibsameedha. Inni jaal'ateera, Inni ergee jira, Inni dhiheesse jira; nuyi mantii fi amanamummaadhaan deebisuun qabna (cf. Efe. 2:8-9 fi 10)!

Waaqayyoo amanamaan biyya lafaa amantii hin qabne kanatti ofii Isaa mul'isuu fi isaan gara Isatti amanuu dhuunfaatti fiduuf saba amanamaa ni barbaada.

1:15 “ama dura ture’o” Inni kun barsiisa Yohaannis cuuphaa mirkaneessuu dursee jiraachuu Yesuusidha (cf. 1:1, 8:56-59; 16:28; 17:5; 2Qor. 8:9; Fil. 2:6-7; Qol. 1:17; Ibr. 1:3,10:5-8). Barsiisni dursee jiraachuu fi raagamuu raajii seenaa caalaa fi gararraa Waaqayyoo akka jiru ni mirkaneessa, garuu sichis isa seenaa keessatti hojjetu. Inni dhagna kiristaanummaa/ilaalcha addunyaa Macaafa Qulqulluu addaan hin baaneedha.

▣ Waraabbiin kun baay'ee kan nama nuffisiisuu akkasumas jijjiiramoonni barreefamootaa danuun dubbisicha ifaa fi salphaa gochuudhaaf carraaqqii gochaa turani. Bruus M.Metzgar, Yaada kennuu dubbisaa Kakuu HaaraaGiriikii irratti ff 197-198 ilaali).

Inni dabalataanis akkamittiin kennaan gochima Giriikii hammayyaa'uu akka hin dandeenye fakkeenya gaariidha. Inni kun gochaa yeroo daree isa KENNAA AMMAAAtiin galmaa'eedha. Appendiksii tokko ilaali.

1:16-18 Amala Wangeela Yohaannis keessaa inni tokko akkamittiin akka barreessichi gara gochaawwan seena qabeessa, dubbiiwwan, ykn kutaa baruumsaa yaada mataa isaatiin itti ceahuudha. Yeruma hundaa jechoota Yesuus namoota biroo fi Yohaannis addaan baasuun waan danda'amuudha. Barattoonni irra jireenyi ww. 16-19 yaadota Yohaannis barreessichaa akka ta'anitti amanu (cf. 3:14-21).

1:16 “guutummaa” Inni kun jecha Giriikii pleromaadha. Barsiistonni sobaa Jenostikii bara dheeraa ergamummaa Waaqa tolfamaa guddaa fi wantoota hafuuraa lubbuu qaban xinnoo gidduu jiru ibsuudhaaf itti dhimma ba'u. Yesuus riiqicha tokkicha (i.e. dhuaa fi guutummaa tokkicha) Waaqayyoo fi nama gidduu jiruudha (cf. qol. 1:19, 2:9; Efe. 1:23; 4:13). Asirratti ammas Yohaannis Eramcihi ilaalcha dhugaa fakkaatu Jenostikii duriit dhahaa jira.

▣

NASB,NRSV “ayyaana irratti ayyaana”

NKJV “ayyaana qooda ayyaanaa”

TEV “eebba tokkotti aansee eebba biraa nuuf kenna”

NJB “kennaan tokko kan biraa bakka bu'a”

Gaaffii hiikamuu qabu akkamittiin “ayyaana” hubannaadha. Inni

1. Kiristoosin fayyinaaf araara Waaqayyootii
2. Jireenya kiristiyaanaatiif araara Waaqayyootii
3. Kakuu Haaraakaraa Kiristoosiin araara Waaqayyootii?

Yaadni ijoon “ayyaana” ayyaanni Waaqayyoo karaa dinqii ta'een foon uffachuu Yesuusin kennamee jira. Yesuus dhala namaa kufeef “eeyyenii” Waaqayyooti (cf. 2Qor. 1:20).

1:17 “seerri” Seerri Muusee badaa hin turre, garuu fayyina guutuu dhiheessuudhaaf hamma danda'ameen qophaa'umsaa waan ta'eef guutuu miti (cf. 5:39-47; Gal. 3:23-29; Room. 4). Ibroonnis dabaaltaan hojii/mul'ata Kakuu Muusee fi Yesuus wal bira qabuudhaan wal ni dorgomsiisa.

MATA DUREE ADDAA: BEEKUU ILAALCHA PHAAWULOOS SEERA MUUSEETHIF QABU

Inni gaariidha Waaqayyorraayis (cf. Rom. 7:12,16).

A. Inni karaa quqlullummaa fi Waaqayyoon fudhatamuu miti. (inni abaarsas ta'u ni danda'a cf. Gal. 3).

B. Amantootaaf ammayyuu fedha Waaqayyooti, sababni isaas inni mul'ata Waaqayyoo ofii Isaati

(Phaawuloos yeruma hundaa amantoota jajjabeesuu fi/ykn yakkuuf Kaku Moofaa ni eera).

C. Amantoonni Kaku Moofaadhaan odeeffannoo argatu (cf. Rom. 4:23-24; 15:4; 1Qor. 10:6,11), garuu Kaku Moofaadhaan hin fayyani (cf. HoE 15; Rom. 4; Gal. 3, Ibr.)

D. Inni Kaku Haaraa keessatti

1. Cubbamumma argisiisuuf (cf. Gal. 3:15-29)
2. Dhala namaa hawaasa keessatti furaman qajeelchuudhaaf
3. Kiristiyaana murtoowwan naamusaa beeksisuuf ni gargaara.

Inni kun abaarsaa irraa fi gara eebbaatti cehuu fi dhaabbatummaa isa ilaalcha Phaawuloos seera Muuseetiif qabuu hubachuuf yaaluu keessatti rakkina fidu ispeekitramii ti'oolojiiti. “Namni tokko Kiristoosin” keessatti, Jamsi Steewaarti yaadotii fi barreeffamoota Phaawuloos yeroo dhagahaman waan dhugaa hin fakkaanne garuu immoo dhugaa ta’an ni argisiisa.

Isin karaa sirrii ta’een anam tokko kan hamma danda’ameen mata jabummaadhaan hiikkaawwan jechootaa ofiimaa filate walitti suphuudhaaf yaaluun tooftaa yaadaa fi barsiisa amantii ijaaruu ofii isaa sirreessaa ture eegdaniirtu ta’a. Gaalee yaada mata duree isa dogoggora maleessa akka ta’utti, akeekkatu ni eegdu. Isin dubbii tokko, inni miira addaa ta’een barreessaa keessaniin al takkaa fayyidaarra oole, miira sana guutuutti baachuu akka qabu ni barbaaddu. Garuu isa kana Phaawuloosi irraa barbaaduun kan gaddan ta’uufi. Gaaleeffamni isaa irra jireenyi jabaa otuu hin ta’in, dhanalaa’aadha. “Seerichillee ofii isaatii qulqulluudha” jedhee ni barreessa, “Ani keessa namummaa kootiin seera Waaqayyooti nan gammada (cf. Rom 7:12,22), garuu immoo *nomoz* inni wanta kan biraa akka dubbatu isa godhu ilaalcha ifaa kan biraati; “Kiristoos, abaarsa isa seerichi nutti fide nu fureera (cf. Gal. 3:13) (F 26)

▣ **“ayyaana”** Inni kun dhala namaa warra kufaniif jaalala Waaqayyoo ianaaif hin taanee fi hin badhaafamne eera (cf. Efe. 2:8). Jechi ayyaanni (charis) barreeffamoota Phaawuloos keessatti baay’ee barbaachisaadha, wangeela Yohaannis keessatti keeyyata kana keessatti duwwaa faayidaarra oole (cf. 1:14,16,17). Barreessitoonni Kaku Haaraafedhii sammuum namaa waa uumuuf kakaasu jalatti jechoota Vokkaabularii, walfakkeeniyota akkasumas bakka buusota ofii isaanii fayyadamuuf bilisa turani.

Yesuus “Kaku Haaraa” Er. 31:31-34; His. 36:22-38n gara ijaan mul’achuutti dhufe.

▣ **“dhugaa”** Inni kun kan fayyadu ilaalcha (1) amanamummaa ykn (2) dhugaa fi sobaa (cf. 1:14; 8:32; 14:6) keessatti. Yaadadhaa ayyaannii fi dhugaan lamanauu Yesuusiin dhufani (cf. w. 14). Mata duree 17:3 irratti ilaalaa.

▣ **“Yesus”** Inni kun jalqaba keessatti ilam Maariyaamitiif maqaa namaa jalqaba/dura ba’eedha. Ilmi waa’ee hunda duraa ture amma kunoo ilma foon namaa kan uffate ta’eera.

1:18 “Homtinuu takkaa Waaqayyoon hin argine” tokko tokko inni kun Ba’u 33:20-23 akka faallessuu ni dubbatu. Haa ta’u malee, dubbisa Seera Ba’uu keessatti jechi Ibruu kan eeru gammachuu shaakala gaarii booddeedha malee, Waaqayyo Mataa Isaa ijaan arguu jechuu miti. Amanannaan dubbisa kanaa isa yesus qofti guutummaan guutuutti Waaqayyoon biseedha (cf. 14:8ff). Namni cubbamaan kamiyyuu kan Waaqayyoon arge hin jiru (cf. 6:46; 1Xim. 6:16; 1Yoh. 4:1,20).

Waraabbiin kun mul’ata Waaqayyo Yesuus nama Naazireetitiin mul’ate addaa ni addeessa. Inni guutuu fi Waaqa ofiin of saaxile tokkicha. Yesuusiin beekuun Waaqayyoon beekuudha. Yesuus mul’ata daangaa hin qabni Abbaa ofii Isaati. Isaan adda ba’ee hubannaan Waaqummaa tokkoyyuu hin jiru (cf. Qol. 1:15-19; Ibr. 1:2-3). Yesus Abbaa “ni arga” amantoonnis Isa (jireenya Isaa, dubbii isaa fi gochaawwan) isaa keessaan Abbaa “ni argu.”

Inni mul’ata Waaqayyo hin mul’annee guutuu fi hanqina hin qabnedha (cf. Qol. 1:15; Ibr. 1:3)

▣

NASB **“Ilma tokkicha Isa Abbaa bukkee ture”**

NKJV **“Ilma tokkicha**

NRSV **“Ilma Waaqayyoo tokkichadha”**

TEV **“Ilma qofaasaa”**

NJB “Ilma tokkichadha”

Yaadannoo *monogenēs* 1:14 irratti ilaali. Yesus guutummaan guutuutti Waaqayyoo fi nama. Yaadannoowwan guutuu 1:1 irratti ilaali.

Asirratti garaagarummaa barreeffama Giriikiitu jira. Theos/Waaqayyo barreeffamoota Giriikii p66, p75, B fi C, keessaa jira, yommuu “Ilmi” MSS A fi C³ keessatti qofaa “Waaqayyoon” jijjiiramu UBS4 “Waaqayyoof” tilmaama (gara guutummana guutuutti sirrii ta’uutti dhihaata) “B” ni kenna. Jechi “Ilma” jedhu barreeffamoota mana maxxansaa keessa harkaan barreeffamanii taa’an kan “Ilma tokkicha” jedhu dhufuu ni danda’a. Yoh. 3:16, 18 fi 1Yoh. 4:9 (cf. kan Bruus M.Metzger yaada dhiheessuu Barreeffama Kakuu HaaraaGiriikii irratti f. 198) irraa dhufuu ni danda’a. Inni kun mirkanaa’uu guddaa Waaqummaa Yesuus guutuu fi guutuutti! Waraabbiin kun Yesuusiif mata dureewwan sadii (1) tokkicha dhalate, (2) Waaqayyoo fi (3) Isa uka/laphee Abbaa keessa jiru, jedhamee kennamuun waan danda’amuudha.

Barreeffamoota warra Ortodoksii harkaan barreeffaman Baart D. Ehrmaanootaa Malaammaltummaa caaffata Ortodoksii, f 78-82tiin mareen gamachiisaan walitti mormiin itti yaadame dubbisa kanaa danda’amu ni jira.

▣ **“Isa Abbaa bukkee ture”** Inni kun gaalee isa “Waaqayyo bira” jedhu ww. 1 fi 2 wajjin hiika sirrumatti tokko ta’e ni qaba. Inni kan dubbatu waa’ee walitti dhufeenya garmalee cimeedha.

Inni (1) michummaa Isaa dur ture ykn (2) michumaa Isaa suphame (i.e, ol ba’uu) eeruu ni danda’a.



NASB “waa’ee Isaa hiikee beeksise malee”

NKJV “Inni Isatti labseera”

NRSV, NJB “Isa akka inni beeku godhe”

TEV “Inni akka Inni beeku godheera”

Jecha Giriikii 1:18 keessatti faayidaarra oole, isa mul’ata guutummana guutuu ta’e argisiisu kana irraa jecha Ingiliffaa “exegesis (ibsa barreeffamoota amantii) (li. “to lead out” AORIST MIDDLE [deponent] INDICATIVE) ta’e ni arganna.

Hojiilee Yesus keessaa inni tokko Abbaa mul’isuu ture (cf. Yoh. 14:7-10; Ibr. 1:2-3). Yesuusiin arguu fi beekuun Abbaa arguu fi beekuudha (cubbamoota jaalachuu, dadhaboota gargaaruu, warra gataman ofitti fudhachuu, daa’immanii fi dubartoota ofitti fudhachuu)!

Jechi Giriikii keessaa warra kanneen ergaa; mul’ata/abjuu, dokimantii ibsanii fi hiikaniif ture hojiirra kan oole. Asirratti ammas Yohaannis tarii jecha tokko isa Yihudootaa fi Ormootaaf (akkuma *logos* w. 1) hiikaa addaa qabu ture fayyadamaa jiraachuu ni mala. Yohaannis barreeffama isaa seensaa keessatti warra Yihudootaatiif fi Giriikiitiin walitti firoomsuuf carraaqaa jira. Jechichi

1. Warra Yihudootaa keessaa tokko isa Seericha ibsuu fi hiikuuf
2. Warra Giriikii keessaa tokko isa seericha ibsuu fi hiikuuf jechuu ni danda’a.

Yesuus keessaan, fi Yesuus duwwaadhaan, dhalli namaa guutummaan guutuutti Abbaa argee hubatasi!

GAAFFILEE MARI

Kun ibsituu qajeelcha qo’annooti, kanaaf hiikkaa keeti Kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Tokkon tokkon keenya ifa qabnu keessa socho’uu qabna. Ati, Macaafa Qulqulluu keefi, Hafuurri Qulqulluu hiikka keessatti dursitoota. Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdan.

Gaaffileen marii kun akka kutaa kitaaba kana keessatti dhimmoota ijoo irratti yaaddu dandeessuuf akka sigargaaruufi. Kan yaada dadammaqsan malee hiikkoo qabaatan miti.

1. Logos fi faayidaawwan isa akan amantii, kan biyya lafaa fi kan Macaafa Qulqulluu ibsi.
2. Barsiisni dursee jiraachuu Yesus maaliif baay’ee barbaachisaa ta’ee?
3. Fayyina keessatti ga’een sanyii namaa maaliidhaa? Namni tokko akkamittiin Yesuusiin fudhataa?
4. Sagalichi foon ta’uun isaa maaliif barbaachisaa turee?
5. Dubbisa kana tarreessuun/toora naquun maaliif baay’ee rakkisaa ta’ee?
6. Dhugaawwan ti’oolojii adda addaa Yesuus ibsan tarreessi (yoo xinnaate 8).
7. Maaliifi waraabbiin 18 waraabbii garmalee barbaachisaa ta’ee?

WARAABBILEE 19-51THIF ILAALCHA/HUBANNO JABAA BARREEFFAMA KEESSAA

- A. Barreeffamni kun kan irratti xiyyeeffachaa jiru gochaawwan Yohaannis cuuphaa hubannaa dhabuu waldootii kiristiyaanaa durii irratti.
1. Kanneen naannawa nama Yohaannis cuuphaatti guddatanii/dagaaganii ww. 6-9, 20,21,25 fi 3:22-36, keessatti falmisiifaman,
 2. Kanneen kan Kiristoos nama ta'e hirmaachisanii fi ww. 32-34 keessatti wajjin hojjechuuf waliigalan. Shakkii walfakkaataan Gartuuwwan sobaan adeemanii kun haaluma walfakkaatuun 1Yoh. 1 keessattis rukutameera. 1Yohaannis tarii xalayaa/ergaa Wangeela Yohaannis ta'uu ni mala.
- B. Wangeelli Yohaannis waa'ee Yohaannis cuuphaatiin cuuphamuu Yesuus homaa hin dubbatu. Seeronni waldoota kiristiyaana, cuuphaanii fi Irbaanni Gooftaa, gochaa Yohaannis jireenya Kiristoos keessatti qalbeeffannaa dhabuudhaan ni hafani. Hanqina kanaaf/keessaa hafuu wantoota kanaatiif yoo xinnaatan sababoota jiraachuu danda'a.
1. Waldaa kiristiyaanaa jalqabaa keessatti gochaan sirna amantii ka'uun isaa Yohaannis kallattii kiristiyaanummaa kanaaf xiyyeeffannaa akka hin kennine isa godhe. Wangeelli isaa walitti dhufeenya irratti xiyyeeffata, gochaalee wal fakkaatoo amantii hoggayyuu yeroo murtaa'etti raawwataman irratti miti. Inni sirnoota amantii lamaanuu cuuphaa fi Irbaata Gooftaa irratti gonkumaa hin mari'atu ykn immoo hin galmeessu. Hafuun wanta ta'ee maarree xiyyeeffannana wayii akka itti ka'u ni eeggame.
 2. Yohaannis, barreessitoota wangeela kan biroo booddee barreesse, ga'ee isaa jireenya Kiristoos kan birootiif dabalata gochuuf itti dhimma ba'e. Synoptics hundumtinuu hamma seerota kana golganitti, Yohaannisuma qofaatu odeeffannoo dabalataa waa'ee gochaawwan naannawa san jiranuu dhiheesse. Fakkeenya tokko haasaa fi gochaawwan kanneen kutaa gubbaa (boqonnaawwan 13-17) keessatti ta'uu danda'u; garuu immoo irbaata dhugaa (isa sirrii) mataasaa miti.
- C. Xiyyeeffannaan ga'ee kanaa dhugaa ba'uumsa namooma Yesuusii ilaallatu Yohaannis cuuphaa irrattidha. Yohaannis ibsoota kan Kiristoolojii armana gadii ni godha.
1. Yesuus Hoolaa Waaqayyooti, (w. 29) Yesusiif taayitaan kun asumaa fi Mul'ata Yohaannis keessatti qofaa hojiirra oole
 2. Yesuus jalqaa kan ture (w. 30)
 3. Yesuus fudhataa fi kennaa Hafuura qulqulluuti (w. 33)
 4. Yesuus Ilma Waaqayyooti (w. 34)
- D. Dhugaawwan waa'ee namoomaa fi hojii Yesuus dhuga ba'uumsa
1. Yohaannis cuuphaatiin
 2. Andrew/Indriyaasii fi Simoontiin
 3. Filiphosii fi Naatinaa'eeliitiin kan guddataniidha.

Wangeelicha keessatti inni kun teekniikii ifa ta'e beekamaa ni ta'e. Haasaawwan ykn dhuga ba'uumsota waa'ee Yesuus ykn Yesuus wajjin godhaman keessaa inni diigdamii torba of keessaa qaba.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:19-23

¹⁹Yeroo Yihudoonni Yerusaaalemii lubootaafi Lewwoota yohananisiti erganii, "Ati eenyu?" jedhanii isa gaafatanitti, Yohaannis, ²⁰Utuu hin haalin "Ani Kiristoos Isa abadachiifame miti" jedhee mul'isee dhugaa ba'e. ²¹Warri ergamoonnis deebisa "Amma ati eeny? Ati Eliyaasii jedhanii isa gaafatan. Inni immoo, "Waawuu ani isa miti." Jedhe. Isaan "Ati raajichaa ani isa miti!" jedhe. Isaan "Ati raajichaa ree?" Ittiin jennaan "Waawuu" jedhee deebisee. ²²Isaanis "Eenyu ati? Eгаа, warra nu erganitti kan deebifnu nutty himi; ati eenyu ofiin jetta?" ittiin jedha. ²³Yohaannis deebisee "isaayyaas raajichi akkuma dubbatetti "Ani sagalee namaa, isa isa karaa Gooftaan irra adeemu qajeelchaa" jedhee, "lafa onaa keessaa iyyuudha" jedhe.

1:19 "Yihudoonni" Yohaannis keessatti inni (1) saba Yihudootaa kanneen Yesuusiiin mormaa turan ykn (2) Yihudootaa dura buutota amantaa qofaa ni eera (cf. 2:18; 5:10; 7:13; 9:22; 12:42; 18:12; 19:38; 20:19). Warri

baratan isa Yihudiin tokko Yihudoota kan biraa karaa tuffiitiin akka hin eerre cimsanii dubbataniiru. Haa ta'u malee, Yihudoonni kiristiyaanummaadhaan faallaa ta'an Mana mare Jamnia A.D 90 keessa booda cimsaniiru.

Jechi "Yihudii" jedhu bu'urumaanuu nama ta'e gos Yihudaa irraayi Erga gosoonni kudhalamaan bara 922 DKD addaan bittinnaa'anii booddee maqichi gosoota sadeen gara Kibbaatti argamaniif maqaa ta'ee. Lamaanuu Mootummoonni Yihudaa Isiraa'elii fi Yihudaan gara sirna bittaatti fudhatamanii turan, garuu immoo muraasni isaanii Yihudaa irraa kan ta'e, gara bulchiinsa Cyrus bara 538 DKD jalatti deebi'anii turan. Jechichi sana booda dhalattoota Yaaqoob kanneen Filisxeem keessa jiraatanii fi guutummaa addunyaa Meditiraaniyaanii keessatti bittinnaa'aniif maqaa aangoo ta'e.

Wangeela Yohaannis keessatti jechichi yeroo baay'ee nagaatiiviidha, garuu immoo itti fayyadama waliigalaatiin 2:6 fi 4:22 keessatti ilaallamuu ni danda'a.

▣ **"lubootaa fi Lewwoota"** Ifumaan ifatti Yohaannis cuuphaas dhalattoota lubootaa irraayi ture (cf. Luq. 1:5 ff). Inni kun jechi "Lewwota" jedhu kun Wangeela Yohaannis keessatti mul'achuun isa isa tokkicha Inni kun garuwwan abbaa aanoo" Yesuusaalem irraa ergaman turani (cf. w. 24). wayita barreessittonni (caaftoonni) yeroo baay'ee Fariisota turanitti Yeroo baay'ee saaduqota turani. Gartuwwan kun lamaan iyyuu Yohaannis cuuphaa gaafachuu irratti hirmaatanii turani. Mormitoonni siyaasaa amantaa humnoota Yesuusii fi hordoftoota Isaatiin faallaa ta'anitti ni makama.

▣ **"Ati eenyu"** Gaaffiin walfakkataan 8:25 keessatti Yesuusiiif dhihaateera. Yohaannisifi Yesuus karaa dura buutota abbaa aangootti hin tolleen barsiisaa fi hojjechaa turani, sababni isaan isaan karaa lamaan namootaa dhaamsootaa fi jechoota estchalolical Kakuu Moofaa mirkanaa'en qalbeefatan ture. Gaaffiin kun, maarree, abdi Yihudootaa yeroo dhumaa, Bara haaraa nama baay'ee barbaachisaa ta'e wajjin walitti firoma.

▣ **"Kiristoos"** Kiristoos hiikaa Giriikii jecha Ibraayisxii "masiah" isa hiikkaan isaa "kan dibame jedhuuti. Kakuu Moofaa keessatti ilaalchi dibamuu/muudamuu karaa itti waamicha Waaqayyoo fi hojii adda a'eef hidhachiifamuu addeessu ture. Mootonni, luboonni fi raajonni dibamanii/mudamanii turani. Inni nama adda ta'e Tokko isa bara tolummaa haaraa, hojiirra oolchuuf ture. Namoonni baay'een Yohaannis cuuphaan Masihii adachiifame kana akka turetti yaadanii turan (cf. Luq. 3:15). Sababni isaas inni barreessitoota Kakuu Moofaa wagoottan dhibba afur dura turanii booddeedhaa kaasee YHWHdhaaf kan dubbi himaa dammaqaa ture isa jalqabaa ture.

Qabxii kana irratti yaada koo Dan. 9:26 Masihii irratti kennee itti makuu nan barbaada.

Daani'eel 9:26

NASB	"Masihicha"
NKJV	"Masihii"
NRSV	"Tokkicha isa dibame/muudame"
TEV	"Dura ba'aa Waaqayyoon filatame"
NJB	"Tokkicha Isa Dibame/muudame"

Ulfinni waraabbii kanaa sababa hiikkaawwan ta'uu danda'an jecha Masihii ykn isa mudame tokko wajjin walitti gamta'aniifidha (BDB 603).

1. Mootota Yihudootaatiif faayidaarra oole (Fak. 1Sam. 2:10; 12:130)
2. Luboota Yihudootaatiif faayidaarra oole (Fak. Lew 4:3, 5)
3. Cyrus Yihudootaatiif faayidaarra (cf. Isa. 45:1)
4. # 1 fi #2 Faarsaa 110 fi Zakaariyaas 4 keessatti walitti hidhamaniiru.
5. Qulqullummaa baa haaraa, fiduuf mootii Daawit dhufaa jiru kan Waaqayyoo isa adda ta'eef Yihudootaatiif faayidaarra oole
 - a. Leenca Yihudaa (cf. Uma. 49:10)
 - b. Mana Jesse (cf. 2Samu'el 7)
 - c. Bittaa addunyaa guutuu (cf. Faarsaa 2; Isa. 9:6; 11:1-5; Mik. 5:1-4f)

Ani ofii kootii Yesuus nama Naazireetiif eenyummaan "isa dibame tokko" nati toleera, sababni isaas:

1. Seensa Mootummaa bara baraa yeroo mootii afraffaa boqonnaa 2 keessatti
2. Seensa "ilma namaa" 7:3 keessatti mootummaa bara baraatiif kennamaa jiruutii
3. Gaaleewwan 9:24 kanneen seenaa biyya lafaa kufee bu'aa gaarii isa xumuraa agarsiisuuf qulqullaa'utiif
4. Itti fayyadama Yesuus Macaafa Daani'eel Kakuu Haaraa keessatti (cf. Mat. 24:15; Mar. 13:14).

1:21 “amma ati eenyu? Ati Eliyaasii?” Sababni isaa Eliyaas qilleensaan ol gara Waaqaatti fudhatame malee hin dune ture (cf. 2Mot. 2:1), inni Masihicha dura ni dhufa jedhamee eeggamee ture (cf. Mil. 3:1; 4:5). Yohaannis cuphaan caalaatti Eliyaas fakkaatee akkasaatti ni hojjete (cf. Zak. 13:4).

▣ **“Waawuu ani isa miti”** Yohaannis cuuphaan ofii isaa shoorra ti’oolojii waa’ee adeemsa du’aafi firdii Eliyaas taphatu keessatti of hin argine ture. Garuu Yesuus isa raajii Miilkiyaas galmaan ga’aa jiru ni arge (cf. Mat. 11:14; 17:12).

▣ **“Ati raajichaa ree?”** Muuseen inni tokko kan isa fakkaatu (kan inni “Raajichaa” jedhee maqaa dhahe) isa booddee akka dhufu raajee ture (cf. Kes. 18:15,18; Yoh. 1:25; 6:14; 7:40; HoE 3:22-23; 7:37). Karaawwan jechi kun Kakuu Haaraakeessatti faayidaarra oole adda baafaman lamatu jira: (1) fakkii qaama ti’oolojii waa’ee du’aa fi firdii ilaalu beekamaa/mama hin dogoggorsiiifne Masihichaa (cf. 7:40-41) ykn (2) akka fakkii Masihicha biraa addaan baafame (cf. HoE 3:22).

1:23 “Ani SAGALEE NAMAA...Lafa ONAA KEESSAA IYYUUDHA” Inni kun luqqisa hiikkaa Septuagint Isa. 40:3 eeruu cinaayyaa Mil. 3:1tiiniidha.

▣ **“ISA KARAA GOOFTAAN IRRA ADEEMU QAJEELCHUU”** Inni kun luqqisa (Isa. 40:3) kutaa jechaa fi jechaa Macaafa Isaayyaas Raajichaa (boqonnaawwan 40-45) kan faaruwwan Hojjatichaa isaankeessatti ta’u irraayi (cf. 42:1-9; Isiraa’eliif eeraman, garuu 52:13-53:12 keessatti gaalichi kan dhuunfaa, dhuunfaat ta’e yaadni karaa qajeelchuu kan hojiirra oolee ture daawwannaa sanyii mootii tokkotiif ture. Jechi “qajeelchuu” jedhu seenaa hiika jechaatiin “qajeelummaa” wajjin walitti firooma. Mata Duree Addaa 1Yoh. 2:29 irratti ilaali.

Guutumaan keeyyata kanaa kaayyoo ti’oolojii Yohaannis uuphaa, sababa gartuuwwan adeemsa sobaa hordofan danuun kanneen jaarraa jalqabaa keessatti Yohaannis cuuphaa akka dursaa hafuura isaaniitti fudhatan dagaagan akka gatiid habsiisuuf tarii Yohaannis Duuka Bu’aa gargaaree jira ta’a.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:24-28

²⁴Warri isatti ergaman immoo Farsiisota keessaa turani. ²⁵Isaan kun itti dabalani, “Ati Kiristoos yookiis Eliyaas yookiis raajicha erga hin ta’inii maaliif cuuphaa ree?” jedhanii isa gaafatan ²⁶Yohaannis immoo, “Ani bishaanii nan isin cuupha, Inni isin Isa hin beekne garuu isin gidduu ni dhaabata. ²⁷Inni na booddee ni dhufa; ani immoo hidhaa kophee Isaatii illee hiikuudhaaf nama ta’u miti” jedhe isaanitti deebise. ²⁸Wanti kun hundinuu Yoordaanos gama, Betaabaraa iddoo Yohaannis cuuphaa turetti ta’a.

1:24 “warri isatti ergaman immoo Fariisota keessaa turani” Dubbifni kun hiikni isaa kan ifa hin taanee fi gara barbaaddametti hiikkamuu kan danda’amudha. San jechuun (1) Fariisonni gaaffattoota Yohaannis ni ergani (cf. 2. 19) ykn (2) gaaffattoonni Fariisoota turani, ifa dhugaa isa luboonni irra jireenyaan saduuqa turaniin inni sunis kan hin baraanneedha (cf. 2. 9). Inni w19 caalaa kan biroo kan eeru fakkaata.

MATA DUREE ADDAA: FARIISOTA

- I. Jechichi maddoota armaan gadii keessaa tokko qabaachuu ni danda’a.
 - A. “kan addaan foo’ame ta’uu” Gartuuwwan kunniin yeroo Maqaabinootaatti dagaage. (Inni kun kan irra jireenyaan bal’ina ilaalcha fudhatameedha).
 - B. “Addaan qooduuf” Inni kun hidda Ibruutiif hiika wal fakkaataa kan biraati. Tokko tokko isa jechuun hiikkaa jechuu akka ta’etti dubbatu (cf. 2Xim. 2:15).
 - C. “Parshiyaa” Inni kun hiikkaa walfakkaataa hidda Armaatiikiitiin tokko. Barsiisonni amantii warra Farsiisootaa tokko tokko kan warra Zoroastrain Parshiyaa wajjin irra jireenyaan tokkummaa ni qaba.
- II. Kunniin yeroo Maaqaabi’aanitti *Hasidim* (kanneen fakkeessitoota) irraa daaagani. Gartuuwwan danuun kanneen akka warra Esseenootaa (Essenes) gochaa Antiochus IV Epiphanes farra-Helenistikii

irraa dhufani. Fariisonni warra jalqaba *Antiquities of the Jews* 8.5.1-3. Joseefus keessatti maqaa dhahamaniidha.

III. Barsiisota gurguddoo

A. Mashihii dhufutti amanuu, isa barreefamoota badiisa hamaa ibsan kanneen akka 1Henok warra Yihudootaa Macaafa Quqlulluu keessaatiin dhiibbaan irra ga'a.

B. Waaqayyo jireenya guyyuma guyyaanii keessatti ni hojjeta. Inni kun kallattiidhaan kan warra Saduqootarra adda ta'eedha. Barsiisonni warra Farsiisotaa danuun barsiisota warra Saaduqootaa wajjin kan wal bira qabamuu ture.

1:25 “maaliif cuuphaa ree?” Ormoonni akka kan geeddaraman ta'aniif hawwuun amantii jijjiirsiisuuf carraaqii gochuun warra cuuphaa Yihudootaa durii gochaa baratame ture; garuu immoo inni sun warruma Yihudootaa ofii isaaniitiifuu wanta garmalee hin baratamne ture (garuwwan Yihudoota Qumraan kanneen gartuu ofiitiif ala hindhimmamne otuu gara mana qulqullummaa hin galiniin dura ofii isaanii cuphuu fi warri Waaqeesitoonni mana qulqullummaas otuu hin galin ofii isaanii dhagna isaanii ni dhiqatu turan. Dubbifni kun tari ilaacha Masihummaa Isa. 51:15; His. 36:25; Zek. 13:1 of keessatti qabaachuu ni danda'a.

▣ **“erga”** Inni kun HIMA FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa ilaalcha barreessichaatiirraa ykn kaayyoowwan isaa jechaaf jechaatiirraa dhugaa ta'a jedhamee yaaddamuudha.

▣ **“Kiristoos yookiis Eliyaas yookiis Raajicha erga hin ta'in”** Ibsaa Marfata Galaana Du'aatiin namoonni sadan beekamoo kunniin ilaalcha Essen isa fakkiwwan Masihummaa sadii akka ture bakka bu'uun isaanii waan namatti toluudha. Dabalataanis warri dursitoonni waldaa Kiristiyaanaa durii Eliyaas otuu yeroo lammataatiif Kiristoos deebi'ee hin dhufin dhufuu mala jechanii amanuun isaanitis waan baay'ee namatti toluudha (cf. Chrysostom, Jerome, Gregory, fi Augustine).

1:26 “Ani bishaaninan isin cuupha” MAXXANTUUN “nan” jedhu dabalataaniis “...niin” jechuu ni danda'a. Filannoon gosa kamiyyuu yommuu filatamu isa w 33 “Hafuuricha” ilaaluu wajjin cinayyaa ta'uu qaba.

▣ **“Inni sini Isa hin beekne garuu isin gidduu ni dhaabata”** Barreeffamoonni wantoota kan biroo irraa adda ta'an TENSEII GOCHIMA “dhaabachuu” wajjin wal qabatan danuutu jira USB4 PERFECT TENSE akka “B”tti (irra jireenyaan sirrii ta'uu) ni tilmaama.

Bruce M.Metzer PERFECT TENSE amala Yohaannis ta'uu isaa fi ciigoo Ibruu “kan isin gidduu dhaabbatee jiru tokko jira” jedhu akka agarsiisuun isaa dhugaa ta'uu isaatti fudhata (f. 199).

1:27 “ani immii hidhaa kophee Isaatii illee hiikuudhaaf nama ta'uu miti” Inni kun hojii gargaaraa isa kophee gooftaa isaa akkuma gara mana isaatti ol galuun godhuu ni eera (akka hojii gadi aana, a hojii ogummaa wayiituu hin barbaachisne gargaaraan/garbi gokko hojjetutti yaadaa). Barsiisni amanii fi sera Yihudii duuka buutonni barsiisota seeraa fi amantii wanta garbi/gargaaraan tokko hojjechuuf fedhu hunda hidhaa kophee hiikuurraa kan hafe gochuu akka qaban dhugaa ta'uu isaa ni dubbata. Ibsi kopheewwan baasuu fi iddoo itti kaa'amanitti fudhachuun hin ibsamnes dabalataan ni jira. Inni bakka buusa of gadi buusuu garmalee fakkaattii hin qabneedha.

1:28 “Betaabraat” “Betaabaraa” KJV maqaa “Betaabaraa” (MSS², C²) ni qaba. Inni kun yeroo hiiktonni KJV hubannaa dhabuu bu'uraa iddoo/kallattii magaalattiin itti argamtu (fi fakkoommii maqaa iddichaa) irratti amantii guddaa qabaatanitti ta'een ture. Dubbifni inni sirriin “Bitany” dha (Bodmen Papyrus, f66) isa kibba bahaa Yersaalem miti, (cf. 11:18), magaalaa Yariikoodhaan gama, Laga Yordanoosiin (gara bahaatti) jirtu malee.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 1:29-34

29Brumtaa Yohaannis otuu Yesus gara Isaa dhufuu argee, “Ilaa hoolicha Waaqayyoo, Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu. **30**Namni ana booddee dhufu ana irra caala, ana dura ture'o” jedhee waa'ee isaa kanan dubbadhe Isa kana. **31**Ani ofii kootii iyyuu Isa hin beeknu, garuu Isiraa'elitti akka Inni

dhufe” jedhe. 32Yohaannis dhugaa ba’ee፣ “Hafuurri qulqulluun akka gugeetti Waaqa irraa Isa irra bu’ee hafuu isaa rgeera. 33Ani ofii kootii iyyuu Isa hin beekne; garuu Inni akka ani bishaaniin cuuphuuf na erge sun. ‘Hafurri quqlulluun isa irra bu’ee hafuu isaa kan argitu, isa Inni Hafuura qulqulluudhaan cuuphu’ jedhee anatti hime. 34Ani ofii kootii kana argeera, Inni kun Ilma Waaqayyoo ta’uu isaas dhugaa ba’eera” jedhe.

1:29 “Ilaa, Hoolicha Waaqayyoo” Ayyaanni Yaadannoo garbummaa jalaa ba’uu warra Isiraa’elootaa baay’ee hin fagaanne ture (cf. 2:13). Kanaafuu, inni kun hoolaa ayyaana yaadannoo garbummaa jalaa ba’uu warra Isiraa’elootaa (i.e. fayyina) warra misiraa jalaa luba ba’ani (cf. Ba’u 12) eeruu ni danda’a. Yohaannis dabalataanis du’a Yesus guyyuma walfakkaatu hoolaan ayyaana garbummaa jalaa ba’uu warra Isiraa’eliif qalamee (i.e. “Guyyaa Qophaa’umsaa”) lafa ni kaa’a. Haa ta’u malee, hiikkwwaan kan biros ni jiru ture.

6. inni tarii Gargaaraa/garba cunqurfamaa ture Isa. 53:7 eeruu ni mala.

7. inni tarii beellada isa qalma gubamuun Uma. 22:8 keessatti qabamee ture eeruu ni mala.

8. inni tarii aarsaa guyyuma guyyaan Mana Qulqullummaa keessatti godhamuu fi “isa walirraa hin cinnee fi hoggayyuu godhamu” jedhamee waamamu eeruu ni mala. (cf. Ba’u. 29:38-46).

Gamtaa isa siriri kaminiyyuu, hoolichi ergamuun isaa kaayyoo aarsaa ta’uutiif ture (cf. Maarqos 10:45).

Bakkabuusni du’aan aarsaa ta’uu Yesuus inni cimaan kun Phaawloosiin gonkumaa faayidaarra hin oolle, hamma yartuu Yohaannisiin duwwaa faayidaarra oole malee (cf. 1:29,36; dabalataanis HoE 8:32 fi 1Phex. 1:10 yaadannoo qabaadhaa). Jecha Giriikii “ilmoo hoolaa” jedhuuf (sababa waggaa tokko ta’ee qofaa inni ilmoodha, urmii aarsaa itti ta’u isa sirrii). Jechi addaa tokko Yohaannisiin 21:15 keessatti fi si’a diigidanii saddeet Mul’ata keessatti dhimma itti ba’amee jira.

Yaada Yohaannis cuuphaatii wanti ta’uu danda’u kan biraatis inni tokko ni jira; dhuga ba’uumsa barreeffama badiisa guddaa dhufu ykn darbe ibsu iddoo itti “hoolichi” lolaa injifataa ta’eedha. Kallatiin aarsaa ta’uu ammayyuu ni dhihaata, firdiin hoolichi akka gama ti’oolojiitiin waa’een du’aa fi firdii isa ilaallatu garuu kan biroo caalaa kan baay’ee barbaadamuudha (cf. Mul. 55:5-6, 12-13).

▣ **“Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu!”** Jechi “irraa fuudhu” jechuun “irraa kaasuu ykn irraa fuudhee baachuu” jechuudha. GOCHIMNI kun ilaalcha “balleessaa namoonni kan biroo hojjetaniif balaaleffamu” Lewota 16 keessaa wajjin sirrumatti tokkuma. Dhugaan inni guddan isa cubbuun biyya lafaa uumama bantiwwan Waaqaa fi lafaa gochaa hoolichaa eeruuf dhahameedha (cf. w. 9; 3:16; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tit. 2:11; 2Phex. 3:9; 1Yoh. 2:1, 4:14). Cubbuun LEEXAA ta’uu isaa fi, DANEESAA akka hin taane yaadadhaa. Yesus rakkina “cubbuu” biyya lafaa wajjin walii gale.

1:30 “ana dura ture’o” Inni kun xiyyeeffannaa kennuudhaaf irra deebii w. 15t. Inni kun dursee turuu fi waaqummaa Mashimmaa irratti xiyyeeffannaa kennuu kan biraati. (cf. Yoh. 1:1, 15; 8:58; 16:28; 17:5, 24; 2Qor. 8:9; Fil. 2:6-7; Qol. 1:17; Ibr. 1:3).

1:31 “Isiraa’elitti akka Inni mul’ifamuuf” Inni kun gaalee Yohaannis isa baratamaadha (cf. 2:11; 3:21; 7:4; 9:3; 17:6; 21:14; 1Yoh. 1:2; 2:19,28; 3:2,5,8; 4:9), garuu Wangeela Maarqos 4:22 keessatti mul’ate malee Wangeelota kan biroo keessatti hin mul’atu. Inni jecha Ibraayisxii “beekuuf” jedhu irratti taphachuudhaafi, isa waa’ee michummaa dhuunfaa nama ta’e wajjin waa’ee dhugaa nama ta’ee caalaa dubbatu. Kaayyoon cuuphuu Yohaannis kutaa lama kan qabu ture; (1) namoota qopheessuu fi (2) Masihicha mul’isuu.

GOCHIMNI “mulisuu” (phaneroo) “ibsuu” /apokalupto jedhu barreeffama Yohaannis keessatti “ibsuu”/apokalupto kan bakka bu’u fakkaata. Yesuus namaa fi ergaa Waaqayyoo ifumaan ifatti gara ifaa/mul’iitti ni fida!

1:32-33 Inni kun addeessuu dacha si’a sadii dhugaa isa Yohaannis Hafuurri dhufee Yesus irratti hafu argeeti.

1:32 “Hafuurri quqlulluun akka gugeetti Waaqa irraa Isa irra bu’ee” Inni kun karaa Isaayyaas (boqonnaawwan 40-66) Masihicha ittiin qabeeffachiisuu ture (cf. Isa. 42:1; 59:21; 61:1). Kana jechuun Yesuus yeroo kana dura Hafuura Quqlulluu hin qabu ture jechuufii miti. Inni fakkeennoo filannoo fi fudhatamuu addaa Waaayyoonii ture. Inni sun jalqabumarraayyuu Yesuusii hin turre, Yohaannis, cuuphaadhaaf ture malee!

Yihudoonni ilalcha biyya lafaa baroota lamaa ni qabu ture (Mata Duree Addaa 1Yoh. 2:17 keessatti ilaali), bara jal'ummaa yeroo ammaa kanaa fi yeroo qajeelummaa dhufuuf jiru tokko. Mul'anni kun islaa Yohaannis cuuphaadhaan (1) inni kun Masihichaa fi (2) barri haaraan bari'eera jechuu danda'u ture.

- ▣ **“gugee”** Inni kun faayidaarra kan oole
 1. akka fakkeenya barsiisa seeraa fi amanii warra Yihudootaatti Isiraa'eliif ture (i.e Hos 7:1).
 2. akka eeruu Hafuura akka simbira dhaltuu xinnayyoo “wucii” Uma. 1:2 Targus uumama irraatiif
 3. Philo keessatti fakkeennoo ogummaa
 4. akka bakka buusa amalaa isa hafuurri itti gadi bu'ee tokkootti (Hafuurri Qulqulluun simbira miti)

▣ **“hafuu”** Mata Duree Addaa Ilaali. Barreeffamoota Yohaannis 1Yoh. 2:10 keessatti “Yeroo dheeraadhaaf kan turu”

1:33 “Ani ofii kootii iyyuu Isa hin beekne” Inni kun argisiisu Yohaannis cuuphaan Yesuus akka Masihii akka hin beekne ture. San jechuun guutummaan guutuutti Isa hin beeku ture jechuu miti. Akka firummaati, shakkii tokko malee maatii tokko keessatti ykn walga'ii amantii irratti waggootaaf caalaa wal ga'ani turani.

▣ **“Inni akka ani bishaaniin cuuphuuf na erge sun”** Waaqayyo akka raajota Kakuu Moofaatiif gochaa ture Yohaannisitti dubbatee ture. Yohaannis Masihicha gochaawwan adda ta'an kanneen yeroo cuuphamuu Isaatti ta'uu danda'an adda akka beekuuf ture.

Yohaannis cuuphaan aangoo amantaa tokko irratti yaada dhiheesse. Jiilli dursitoota (hoggantootaa, qondaltotaa) Yerusaleem irraa dhufan (cf. ww. 19-28) ka'uumsa aangoo kanaa beekuuf ni barbaadani. Yohaannis cuuphana aangoon kan Yesuusiif kennamu ta'uu isaa amanuudhaan ni kennaafi. Hafuura Qulqulluun cuuphamuun yesuus cuuphaa bishaanii Yohaansiif kan garmalee caaluudha. Cuuphamuun yesuus bishaanittii ofii isaa mallatto cuuphaa Hafuura Qulqulluu ni ta'a, bara haaraatti hammatamuudhaaf!

▣ **“isa Inni Hafuura Qulqulluudhaan cuuphu”** 1Qor. 12:13 irraa ilaalchi kun gochaa jalqabaa namni tokko maatii Waaqayyooti makamuudhaaf godhu wajjin walitti ni dhufa. Hafuurichi cubbuu ni yakka, gargaarsa Kiristoos cimsee ni barbaada, Kiristoositti ni cuupha, Kiristoos gara amanaa haaraatti ni qajeelcha (cf. Yoh. 16:18-13). Mata duree Addaa 1Yoha. 2:20 irratti Qulqulluu Isa Tokkicha Ilaali.

1:34 “Ani ofii kootii kana argeera, dhugaa ba'eera” Kunniin Imaanuu AGARSIISTOOTA PERFECT ACTIVE kanneen gochaawwan darban gara xumuraatti fidanii fi sana booda akka itti fufaa jira argisiisaniidha. Inni kun 1Yoh. 1:1-4 wajjin sirrumatti wal fakkaata.

▣ **“Inni kun ilma Waaqayyoo ta'uu Isaa”** Namni tokko jechi Giriikii pais, inni kallattiidhaan “gargaartuutti” hiikame, jecha Ibruu (ebed, BDB 712) LXX keessaa calaqqisiisaa jiru, seenaa dudduubaa “Ilma” jedhuu ta'uu ni danda'a jedhee dinqamuu ni danda'a. Erga ta'ee maarree, Isaayyaas 53 “akka “hoolaa” Waaqayyoo 1:29 dha) bakka Dan. 7:13, eerama/luqqisa Kakuu Moofaati. Yesuus lamaanuu Ilmas Gargaaraadhas! Inni amantoota gara “gargaaraatti” otuu hin ta'in gara “mucaatti” ni jijjiira!

Mata dureen walfakkaataan kun Yoh. 1:49 keessattis Naatinaa'elin waa'ee baasee jira. Dabalataanis Inni Mat. 4:3 keessatti seexanaanis faayidaarra oolee jira. Barreeffamni Giriikii MSS p5 fi \mathfrak{A}^* , keessatti argamu adda ta'e nama gammachiisu tokko ni jira, innis bakka “Ilma Waaqayyoo” “tokkicha filatamaa Waaqayyoo” qaba. (USB⁴ “Ilma Waaqayyoo” jedhu Wangeela Yohaannis keessatti kan baratameedha. Garuu, namni tokko ilaalcha qeequu barreeffamaa yoo hordofe, sana booda jecha uumuun nama jibbisiisuu fi hin baratamne irra jireenyaan kan bu'uraa ta'uu ni danda'u, sana booda xinnaatee xinnaatu hiikni akka filannootti, kan biraa haa hafuutii dhuga ba'uumsa barreeffamaa keessattiyyuu kan daangeeffameedha. Gordan Fiin barreeffama addaa kana barreeffama isa (The Textual Criticism of the New Testament) “Yaada Barreeffamaan kaa'ame Kakuu Haaraaff419-433 keessatti, waraabbii seenaa” The Expositos's Bible Commentary:

Gaaffichi dhumarratti dirree keessaa irratti murtaa'uu qaba. Akka barreeffamicha irraa hubachuun danda'amutti, wanti tokko ifadha, adda baasuun waan itti yaadamee godhame malee, waan tasaatii miti (cf. kan Baart. D. Ehrmaan The Orthodox Corruption of Scripture, ff. 69-70). Garuu immoo jaarraan lammaffaan, warra madaqsitoota Kiristoolojii gargaaruuf dubbisicha jijjiiree ni barreessaa, ykn barreeffamni

Ortodoksii isa muudama kennuu “Tokkicha Filatamee” tarii akka warra madaqsitoota kan gargaare ta’uuf kan itti dhaga’amu ta’uu ni danda’ee moo isa sana gara sababoota Ortodooksiiitti ni jijjiire? Jechoota ta’uu danda’a keessatti, xalayichi kan baay’ee fagaatu keessattuu hamma iddoo kamittiyyuu wangeela keessatti ilaalcha madaqsitootaatiif akka mijaa’aa ta’eef kan hin jijjiiramne fakkaata.

Garuu murtiin dhumaa ibsa bal’ina barreefama xinnoo tokkoo of keessaa qabaachuu qaba. Hamma wanti Yohaannis cuuphaan dubbate shakkii tokko malee waa’ee kan masihummaa ta’uuf karoofatee fi ibsa ti’oolojii kiristiyaanaa hin taaneef, gaaffichi akka dubbisa Faarsaa 2:7 ykn Isaayyaas Raajichaa 42:1 masihummaa ni calaqqisiisaa Ifa dhiphinaatiin, ykn kan ayyaana yaadannoo qarbummaa jalaa ba’uu warra Isiraa’el wajin wal qabate, hoolaa dhaamsa Yohaannis 1:29, ‘Tokkichi filatame’ qabiyyee Wangeelichaa ni gituun isaa shakkii tokko malee waan nama mormisiisuudha” (ff. 431-432).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:35-42

³⁵Barumtaas immoo Yohaannis bartoota isaa keessaa namoota lamaa wajjin ni dhaabata ture. ³⁶Yohaannis otuu Yesus achiin darbuu ilaalee, “Ilaa hoolicha Waaqayyoo” jedhe. ³⁷Bartoonni Isaa lamaan kana dubbachuu isaa dhaga’anii, Yesus duukaa bu’ani. ³⁸Yesus garagalee Isa duukaa bu’uu isaanii argee, “Maal barbaaddu?” jedhee isana gaafate. Isaan immoo “Rabbii, eessa buufattee?” jedhanii deebisaniifi, “Rabbii jechuun “Barsiisaa” jechuudha. ³⁹Yesuus immoo, “kottaatii ilaalaa!” jedhee isanaaif deebis. Bartoonni sunis dhaganii, iddoo Yesuus buufata arganii, guyyaa sana Isa bira oolan; yeroon isaa akka sa’aatii kudhanii ture. ⁴⁰Bartoota lamaan dubbii Yohaannis dhaga’anii, Yesuus duukaa bu’an keessaa, inni tokko Indiriyaas obboleessa Simoon Pheexroos ture. ⁴¹Indiriyaas, dura obboleessa isaa Simoonin argatee, Masihicha arganneerra” jedhee itti hime; “Masihii” jechuudha. ⁴²Indiriyaasis Simoonin gara Yesusitti geesse; Yesus immoo isa ilaale, “Edaa ati Simoon ilma Yohaannis; egaa si’achi “Keefaas” jechuun afaan Giriikiitti “Pheexiroos” jechuudha; Pheexiroos jechuun immoo “Dhagaa hin sochoone” jechuudha.

1:35 “bartoota isa keessaa namoota lama” Wangeela Maarqos 16:20 waamamuu bartoota lamaan kanneeniitiif ilaalcha addaa kan ta’u fakkaata. Yesuusii fi duuka buutoota Isaa warra Galiilaa gidduu walitti dhufeenyii duraa hamam akka bu’a Barsiisaa yeroo hundaa ta’uudhaaf hirmaachuuf waltajjiwwan naamusaa adda ta’an ni jiru ture. Tartiibonni kunniin burqaawwan barsiisummaa keessatti tarreeffamaniiru, garuu akka ilaalchota Wangeelaatti hin hordofamne. Duuka buutonni lamina maqaan isaanii dhahame Indiriyaas (cf. w. 40), akkasumas Yohaannis Duuka bu’aa (isa gonkumaa Wangeelicha keessatti ofii isaa maqaadhaan hin eerredha).

Jechi duuka bu’aa jedhu (1) barataa fi/ykn (2) hordofaa jechuu ni danda’a. Inni kun akkuma Masihii Yihudiitti abdachiifame maqaa amantoota Yesus Kiristoos duraat ture. Kakuu Haafaan duuka buutaaf waamuun isaa yadannoo qabachuun waan baay’ee barbaachisaadha, murtii salphaa miti (cf. Mat. 13:28:18-20, kiristiyaanummaa murtii jalqabaa (qalbii diddiirrachuu fi amantiin) isa abboomamuu fi eeggachuudhaa hordofamuudha. Kirisityaanummana poolisii inshuraansii kiristiyaanummaa ykn gara Waaqaatti galuudhaaf tiikeetii miti, firooma hojjataa/hiriyaa guyyuma guyyaa Yesuus Kiristoos wajjiniiti malee,

1:37 “Bartoonni isaa lamaan kana dubbachuu isaa dhaga’anii” Yohaannis cuuphaan ofii isaa gararraa Yesuusiiif qarame (cf. 3:30).

1:38 “Rabbii (jechuun “Barsiisaa” jechuudha)” Inni kun kanneen wrra yaadota keessa keessatti dubbatamanii fi iyyattoota seera Mosiac fi Aadaa Afoolaa (Talmud) hubachiisuu danda’aniif ibsuuf baratame ture. Inni jechumaaf jechatti “Barsiisa koo” dha. Inni Yohaannis cuuphaatiin qixa “barsiisaatiin” waa’ee baase (cf. 11:8,28; 13:13-14; 20:10). Dhugaan inni Yohaannis jechoota isaa ibsa (cf. ww. 38,41,42) argisiisu Ormootaaf barreessaa turuu isaati.

▣ **“Keessa buufatte”** Inni kun walitti dhufeenya adeemsa aadaa adda ta’e barsiisaa fi barattoota gidduu jiru kan hordofu fakkaata. Namoonni lamaanuu gaaffilee muraasa karumarratti gaafachuurra Yesuus wajjin yeroo dabaalata dabarsuuf akka barbaadan gaaffiin isanaa ni argisiisa (cf. w. 39).

Jechi hafuun (meno) ww. 38,39 keessatti si’a sadii caalaa ni mul’ata. Inni idoo ijaan mul’atu yookiin iddoo hafuura eeruu ni danda’a. Itti fayyadamni sadanuu tapha jecha biraa, waraabbilee kanneen walirratti fiduudhaaf,

isa Wangeela Yohaannis keessatti baratame hojiirra oolchuudhaaf fakkaata (i.e. 1:1,5; 3:3; 4:10-11; 12:32). Wanti hiikni isaa salphaadhumatti hin beekamne kaayyoo qabuu kun amala barreeffamota Yohaaniis!

1:39 “yeroon isaa akka sa’aatii kudhaniiti” Yohaannis yeroo Roomaa isa (1) 12:00 am irratti jalqabu ykn (2) walakkeessa guyyaa, ykn yeroo Yihudootaa, isa 6:00pmtti jalqabu (dimimmisa, basakkaa) fayyadamaa jiraachuu isaaf kaan wanta miraknaa’ee miti. Namni wal bira qabe inni sun yeroo Warra Roomaa kan argisiisu fakkaata. Haa ta’u malee, yommuu Wangeela Yohaannis 11:9 ilaallanuu fayyadameera ta’a. Asirratti, yeroo Roomaa, #2 , ykn gara 4:00pm kan ta’u fakkaata.

1:40 “lamaan dubbii Yohaannis dhaga’an keessaa tokko” Barreessichi (Bartuu Yohaannis) Wangeelicha keessatti gonkumaa maqaa ofii hin dhahu (i.e; 21:2). Shakkii tokko malee lamina keessaa kan dubbii Yohaannis cuuphaadha, gahee labsii kana gochuu danda’u Yohaannis, Ilma Zabdiwoos ture (i.e. Mat. 4:21; Mar. 1:19).

1:41

NASB “Inni jalqaba obboleessa isaat argate”

NKJV,NRSV “Inni obboleessa isaa jalqaba argate”

TEV “Tokkichumana argate

NJB “wanta jalqabaa Indiriyaas godhe”

Addaaddummaan barreeffamaa inni hiikicha irratti dhibbaa gessisu ni jira. Filannoowwan jiran

1. nanta jalqabaa Indiriyaas godhe.
2. Nama jalqabaa inni argate
3. Indiriyaas deemee himuuf nama jalqabaa ture.

▣ **“Masihichi (jechuun Kiristoos jechuudha)”** yaadannoo 1:20 irraa ilaali.

1:42 “Yesus immoo isa ilaalee” jechichi kan eeru “sirritti ilaaluu” dha.

▣ **“Simoon ilma Yohaannis”** Maqaa abbaa Pheexiroos ilaalchisee wanti wal nama duraa dhahu tokko tokko Kakuu Haaraakeessa ni jira. Mat. 16:17 keessatti Pheexiroos “ilma Yoonas” (*Iōnas*) jedhamee ni waamama, asitti garuu inni “ilma Yohaannis” (*Iōannēs*) jedhamee ni waamama. Maqaan Yohaannis MSS p66, 075, & fi L.MSB keessatti argamu “n” tokkoon (*Iōannēs*) jira malee maquma walfakkaatu qaba. Maqaan Yoonas MSSA, B3, K fi irra jireenya barreeffamoota warra Giriikii danuu keessatti ni mul’ata. Gaaffii kanaaf deebiin ifa ta’e kan hin jirre fakkaata. Qubeessonni adda addaa maqaawwan itti barreeffaman Armaayikii irraa waan beekamaniidha.

Mikaa’el Maagil, *The New Testament TransLine*, f. 303, akkas jedha “Yoonas” fi “Yohaannis tarii maqaa Ibruu tokkoof qubeessaawwan Giriikii filannoof qophaa’an ta’uu ni malu, “Simon” fi “Simeon”

▣ **“Keefaas jedhamtee ni waamamta jedheen ‘Keefaas’ jechuun Afaan Giriikiitti “Pheexiroos” jechuudha”** Jechi Keefaas kattaa (*kepa*) dhaaf jecha ta’u jecha Armaayikiitti, innis gara Giriikiitti dhufee akka ‘*keps*’ ta’a. Maqichi jalqaba, ciminaa fi turtii qabaachuu nama yaadachiisaayyu.

Inni kun yaadota barreessaa Wangeela Yohaannis jireenyaa fi barsiisota Yesuus dubbistoota Ormootaatiif ibsuuf garaaran danuu keessaa is atokkodha. Jechoonni (GOCHIMOONNI) teekinikaalaa booddee hiikkaa Macaafa Qulqulluutiif boqonnaa kana keessatti mul’achuun isaanii waan namatti toluudha.

1. hiikee beeksisuu, barreeffamoota xixinnoo ibsa guddaa kennan kan amantii 1:18 keessatti faayidaarra oole.
2. iddoo qo’annoo isa barreeffamoota barreeffaman ibsuuf, ifa gochuuf, hiikuuf, jijjiiruuf nama gargaaran 1:42 keessatti waa’ee baasan.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:43-51

⁴³Barumtaas Yesuus Galiilaa dhaquudhaaf ka’ee, Filiphosin argatee, “Na duukaa bu’i!” ittiin jedhe.

⁴⁴Filiphosis akkuma Indiriyaasii fi Pheexiroos mandara Batsayidaa ture. ⁴⁵Filiphos kun Naataanaa’eliin argatee, “Isa Muuseen macaafa seeraa keessatti, raajonnis immoo macaafa isanii keessatti waa’ee isaa caafan arganneerra; Inni namicha Naazireet, Yesuus ilma yoseef” jedheen.

⁴⁶Naataanaa’el yommuu, “Naazireet keessaa wanti gaariin ba’uu danda’aa?” jedhee Filiphosin gaafate;

Filiphos immoo, “koottuutii ilaali!” jedhee deebiseefi. ⁴⁷Yesuus, otuu Naataanaa’el gara Isaa dhufuu argee, “Ilaa, nama Isiraa’el isa dhugaa isa sobni keessa hin jirre” jedhee waa’ee isaa dubbate. ⁴⁸Naataanaa’el, “Eessatti na beekta?” jedhee Isa gaafate; Yesuus immoo deebisee, “Filiphos utuu si hin

1:43 “barumtaas” Yohaannis agarsiisota tartiiba wantoonni itti ta’anii guutummaa Wangeelichaa keessatti ni galcha (cf. 1:29,35,43; 2:1 kkf). Qabiyyeen waliigalaa (1) waraabbiile keessaa jalqaba. Innis guyyaa jalqabaa ta’uu ni danda’a; (2) ww. 28,35,43 “baruumtaa” qabu, akkasumas (3) 2:1 “guyyaa sadaffaa” ni qaba.

▣ **“dhaquudhaaf ka’ee”** Yohaannis ergama Yesuus Yihudaa keessaa is aWangeelota kan biro keessatti hin galmoofne kan jalqabaa ni galmeessa. Wangeela Yohaannis kan irratti xiyyeeffatu ergama Yesuus Yihudaa fi addatti Yerusaaalem irratti. Asirratti, haa ta’u malee, Inni sirna gaa’ilaa/cidhaa Qanaa irratti argamuuf deemuuf barbaada (Yoh. 2).

▣ **“na duukaa bu’i”** Inni kun PRESENT ACTIVE imperativedha. Inni kun akka duuka bu’aa dhaabbataa ta’uuf waamicha barsiisaati. Warri Yihudii sarara qajeelchaa isa walitti dhufeenya kana ibsu sirreessaniiru.

1:44 “Filiphoos mandara Betasayidaa ture” Hikkaan maqaa magaalattii “mandara qurxummii itti qaban” jechuudha. Inni dabalataanis mandara Indiriyaas fi Pheexisoosi.

1:45 “Naatinaa’el” Inni kun maqaa Ibrootaa hiikkaan isaa “Waaqayyo kenneera” jedhuudha. Inni Wangeela kan biroo keessatti maqaa kanaan hin eeramne. Inni barattoota hammayyaattiin isa inni tokkicha “Bartolemewos” jedhamee waamamuudha, garuu inni dhugaa ta’uu ni danda’a jedhamee kan yaadamuutti hafu qofaadha.

MATA DUEE ADDAA: GABATEE MAQAA DUUKA BUTOTAA

	Matti 10:2-4	Marq 3:16-19	Luq 6:14	HoE 1:12-18
Garee Jalqabaa	Simoon (Pheexoors) Indiriyaas (Obbolesa Pheexroos) yaaqob (ilma zabdiwoos Yohannis (Obbolesa Yaaqob)	Simoon (Pheexoors) Yaaqob (ilma zabdiwoos Yohannis (Obbolesa Yaaqob) Andiriyaas	Simoon (Pheexoors) Indiriyaas(Obbolesa Pheexroos) yaaqoob Yohannis	Pheexoors Yohannis yaaqoob Indiraayas
Garee Lammesso	Filphoos Barxalimoos Toomaas Maatiwoos (ab shuuraa)	Filphoos Barxalimoos Maatiwoos Toomaas	Filphoos Barxalimoos Maatiwoos Toomaas	Filphoos Tomaas Barxalimoos Maatiwoos
Garee Sadeesso	Yaaqoob (ilma Alfiyoos) Taadiyoos Simoon (Kana'aanota) Yihudaa /Keriyot/	Yaaqoob (ilma Alfiyoos) Taadiyoos Simoon (Kana'aanota) Yihudaa / Keriyot	Yaaqoob (ilma Alfiyoos) Simoon (hin aafu) Yihudaa (ilma yaaqob Yihudaa / Keriyot	Yaaqoob (ilma Alfiyoos) Simoon (hin aafu) Yihudaa (ilma Yaaqob

▣ **“isa Muuseen Macaafa Seeraa keessatti, raajonnis immoo macaafa isanaii keessatti”** Inni kun kutaawwan sadan kitaabota qulqulluu garaa garaa warra Ibrootaa keessaa lamaan ni eera: Seericha, Raajotaa fi caaffattoota (isa Jamniatti DKB 90 keessatti irratti mari’atamee tureedha). Inni jechama guutummaa Kakuu Moofaaeruuf gargaaru ture.

▣ **“namicha Naazireet, Yesuus ilma Yoseef”** Inni kun kan hubatamuu qabu ibsaa itti fayyadama warra yihudiitiin ta’uu qaba. Yesuus Naazireet keessa jiraata ture abbaan manaatiis Yoseef ture. Inni kun Betelihemitti (cf. Mik. 5:2), ykn durbarraa dhalachuu (cf. Isa. 7:14). Yesuus hin ganu. Mata duree Addaa itti aanu ilaali.

MATA DUREE ADDAA: YESUUS NAMA NAAZIREET

Kakuu Haarana kan waa'ee Yesus dubbachuuf itti fayyadamee jechoota Giriikii danuutu jira.

A. Jechoota Kakuu Haaraa

1. Naazireetiin magaalaa Galiilaa keessaa (cf. Luq. 1:26; 2:4,39,51; 4:16; HoE 10:38). Magaalichi burqaawwan/maddoota bara tokko jiaatan keessatti maqaan hin dhahamne, barreeffamoota dhagaa irratti bocamee argame booddee irratti argame malee:

Yesuusiif Naazireetirraa ta'uun isaa waan galateeffachiisuu miti (cf. Yoh. 1:46). Mallattoon fannoo Yesuus inni maqaa iddoo kanaas of keessatti hammate mallattoo tuffii Yihudootaa ture.

2. *Naazarēnos* - dabalataanis iddoowwan ji'oogiraafiis kan argisiisu fakkaata (cf. Luq. 4:34; 24:19).
3. *Nazōraios* – tarii mandara/magaalaa tokko eeruu ni male, garuu immoo dabalataanis tapha jecha “Damee” Masihummaa Ibruu irratti ta'uu danda'a (netzer, cf. Isa. 4:1; 11:1; 53:2, Er. 23:5; 33:15; Zak. 3:8; 6:12; Kakuu Haaraa keessatti, 18:37 fi HoE 2:22; 3:6; 4:10; 6:14; 22:8; 24:5; 26:9 keessatti itti ni fayyadama.
4. #3 wajjin kan walitti dhufu *nāzir*, san jechuunis “namni tokko wareegaan luba ta'uu isaa ibsuu” jechuudha.

B. Kakuu Haaraadhaan alatti itti fayyadama seenaa

1. Inni gartuu shakkitoota (Armaayikii *nāsōrayya*) Yihudootaa (otuu kiristiyaana hin ta'iniin duraa) argisiise.
2. Marfata Yihudootaatti Inni amantoota Kiristoositti amanan ibsuuf tajaajilee ture (cf. HoE 24:5, 14; 28:22, *nosrii*).
3. Amantoota waldoota Syrian (Armaayikii) argisiisuuf inni jecha idilee ni ta'e. Amantoota argisiisuuf “kirisiyaanni” waldootii kiristiyaanaa Giriikii keessatti faayidaarra oolee ture.
4. Yeroo tokko tokko erga kufaatii Yerusaaleem booddee, warri Farsiisotaa Jaaminaatti walitti qabamanii addaan qoodamuun manneen sagadaa fi waldootii kiristiyaanaa gidduutti akka ta'uu bifa fincilaatiinkaka'uumsa uumanii turani. Fakkeenyi gosa foormulaa abaarsaa kiristiyaanotaratti ta'e tokko Berakota 28b-29a irraa “kadhannaa/eebba mana sagadaa kudha saddeettaffaa” keessatti ni argama, innis amantoota “warra Naazreet/Naazarenes” jedhee ni waama.

Warri Naazireetii fi gartuun shakkitoota battaluma tokkotti addaan haa ba'an; isana kitaaba jireenya irraa kan haqaman haa ta'an, akkasumas amantiidhaanis kan irratti hin barreeffamne hin ta'in!

5. Inni Jastiin Maartyr, Dial 126:1, isa netzer Yesus Isaayyaas Raajichaa fayyadameen faayidaara oole.

C. Ilaalcha Barreessichaa

Qubeessitoota danuu jechichaattitti guddaan dinqame, hammamiyyuu akkuma “Iyyaasuu” Kakuu Moofaa keessatti Ibroota keessatti qubeessitoota danuu qabaachuun isaa hin dhagahamin jiraachuun isaa beekulle. Wantoonni armaan gadii hiikkaa isaa murtaa'eef akkan shakkiidhaan turu na godha:

1. Walitti dhufeenya/gamtummaa cimaa jecha Masihummaa “Damee” (*netzer*) ykn jecha wa; fallaataa *nāzir* (sababa wareega tokkootiin kan dhaabate tokko)
2. Itti dabalataan wanta gaarii hintaane Ormootaa.
3. Magaalaan Naazireet Galiilaa keessa ta'uu siheetiif ragaa xinnoo yookiin homaayyuu wajjin turuu hin dandeenye kennuu.
4. Inni kan ba'aa jiru bifa ilaalcha adeemsa ti'oooljii du'aa fi firdii irratti ilaallatuun afaan daabiloosiya (i.e., “Ati nu balleessuuf dhuftee?”). Qo'annoowwan garee jecha kanaa guutuudhaaf kitaabilee wabii kan ta'an kolin Brown (ed). *New International Dictionary of New Testament Theology*, vol. 2, f 346 ykn Raaymond E. Brown, *Birth*, ff. 209-213,223-225 ilaalaa.

1:46 “Naataanaa’el yommuus Naazireet keesaa wanti gaariin ba’uu danda’aa jedhee Filiphosiin gaafate”
Ifumaan ifatti Filphosii fi Naataanaa’el raajiiwwaan Kakuu Moofaabeekaniiru, Masihichi Naazireet Galiilaa Ormootaa keessaa otuu hin ta’iin Betelheemii akka dhufu (cf. Mik. 5:2 Yerusaalem bukkeedhaa, garuu immoo Isa. 9:1-7 wanta cimaa kana sirritti ni ibsa!

1:47

NASB,NKJV,

NRSV

TEV

NJB

“Isa sobni keessa hin jirre”

“sobni wayiituu isa keessa hin jiru

“haxxummana kan keessa hin jirre”

Isa kana jechuun nama qajeelaa ilaalcha/hawwii sobaa dhokataa wayiituu hin qabne jechuudha (cf. Far. 32:2), saba filatamoo Isiraa’el isa dhugumaan bakka bu’u.

1:48 “Yesuus immoo deebisee, “Filiphoos otuu sin hin waamin muka harbuu jalattiin si arge” Ifumaan ifatti Yesuus Inni Masihicha akka ture Naataanaa’eliif mallattoo kennuudhaaf beekumsa isaa kan Waaqummaa/uumamaa adda ta’eetti dhimma ba’e, (i.e. 2:24-25; 4:17-19,29; 6:61,64,71; 13:1,11,27,38; 16:19,30; 18:4).

Waaqummaanii fi namummaan Yesuus akkamittiin akka hojiirra oole hubachuudhaaf ni ulfaata. Kitaabota tokko tokko keessatti Yesuus “humna” uumama kan addaa ykn dandeettii namummaa isaa fayyadamaa akka ture addaan baasuudhaaf ni rakkatu/hin mirkaneeffatani. Asitti odeeffannoowwan raga dhumarratti kan irra ga’an dandeettii “uumamaa kan adda” ta’eedha.

1:49 “kana irratti Naataanaa’el, ‘Rabbii! Ati Ilma Waaqayyooti, Ati Mootii Isiraa’el!’ jedheen” Aangoowwan lamina qalbeeffadhaa! Lamaaniyyuu ibsa Masihummaa biyyaa (laummummaa) ni qabu (i.e. Faarsaa 2). Bartoonni duraa kunniin jaarraa jalqabaa keessatti Yesuus akka ramaddii Yihudootaatti hubatani. Isaan du’ee du’aa ka’utti akka Gargaaraa Gidiramaa jirutti guutummaan guutuutti namooma Isaatii fi hojii Isaa hin hubanne ture (cf. Isa. 53).

1:51

NASB

NKJV

NRSV

NJB

“Dhuguman, dhuguman isinitti hima,”

“Dhuguman, dhuguman isiniin jedha,”

“Dhuguman isinitti himaa jira”

“Dhugaa guutuudhaan”

Jechumana jecha inni kun “Ameen! Ameen!” dha. Jecha ana dacha dubbachuun Yesuus kan argamu Wangeela Yohaannis, iddoo yeroo diigdamii shan mul’ate keessatti duwwaa argama. “Ameenin” bifa Ibruu amantiidhaaf (emeth) jechuunis “haa ta’u” jedhuu fi (Mata duree Addaa 1:14 irraa ilaali). Inni akka dhaabachuu fi amanamummaadhaaf bakka buusa ta’utti Kakuu Moofaakeessatti faayidaarra oolaa ture. Inni “amantii” ykn “amanamamuu”tti hiikamuuf dhufe. Haa ta’u malee, waa’ee baasuuf dhufe. Taayitaa jalqabaa hima kana keessaatiin, adda ta’uu, ibsa amanamummaa ykn mul’ata YHWH irraa dhufeef karaa itti xiyyeeffannaan kennamaa ture isa adda ture, ture (cf. 1:51, 2:3,5,11; 5:19,24,25; 6:26,32,47,53; 8:34,51,58; 10:1,7; 12:24; 13:16,20,21,38; 14:12; 16:20,23; 21:18).

Jijjiirama HEDDUMMEESSA (MAQAA DHAALAA fi GOCHIMA)tti qalbeeffadhaa. Inni kun warra achi dhaabachaa turan hundumaafuu ibsamuu qaba tureyyu.

MATA DUREE ADDAA: AMEEN

I. KAKUU MOOFAA

A. Jechi “Ameen” jedhamu jecha Ibruu armaan gadii irraa argame

1. “dhugaa” (emeth, BDB 49)
2. “amanamummaa” (*emun, emunah*, BDB 53)
3. “amantii” ykn “amantiin guutuu”
4. “abdannaa” (*dmn*, BDB 52)

B. Saayinsiin maddaa fi seenaa isa adubbatu dhaabannaa qaamaa dhaabbataa nama tokkoo irraayi. Faakaan isaa nama tokko kan dhaabbataa hin taane, miliqaa/mucucachaa jiru (cf. Kes. 28:64-67; 38:16; Far. 4:2; 73:18; Er. 23:12) ykn gufachaa jiruudha (cf. Far. 73:2). Itti fayyadama jechaa fi jechaa kanarraa bakka busni dheeressuu amanummaa, abdatamummaa, amanamuu, fi of danda’uu ni dagaagse (cf. Uma. 15:16; An. 2:4).

C. Itti fayyadamtoota addaa:

1. utubaa, 2Mot. 18:16 (1Xim. 3:15)
2. wabii, Ba'u, 17:12
3. amanamaa, Ba'u 17:12
4. dhaabbataa, Isa. 33:6; 34:5-7
5. dhugaa, 1Mot. 10:6; 17:24; 22:16; Fak. 12:22
6. jabaa 2Sen. 20:20; Isa. 7:9
7. abdachiisaa (Torah), Far. 119:43, 142,151,168
- 8.

D. Kakuu Moofaa keessatti jechoonni Ibruu kan biroo lama amantii isa si'aawaadhaaf faayidaarra oolani.

1. *Bathach* (BDB 105), abdi
2. *Yra* (BDB 431), soda, kabaja, sagada (cf. Uma. 22:12).

E. Miira abdannaa ykn amanannaa irraa itti fayydamni kadhannaa mana sagadaa ibsi kan biraa isa dhugaa ykn amanamaa akka ture ragaasisuuf dagaage. (cf. Kes. 27:15-26; Nah. 8:6; Far. 41:13; 70:19; 89:52; 106:48).

F. Jecha kanaaf furtoon ti'oolojii amanamummaa dhala namaa otuu hin ta'in, kan YHWHti waadaa Isaati. Kanneen YHWH beekan akkuma Isaa ta'uu qabu (cf. An. 2:4) Macaafa Quqlulluu galmee seenaa fi fakkii Isaa Waaqayyo Uma. 1:26-27). Fayyinni dandeettii dhala namaa akka Waaqayyoo wajjin walitti dhufeena cimaa qabaatu ni supha. Kanumaa fi kan nuyi uumamneef.

II. KAKUU HAARAA

A. Itti fayyadamni jecha “amneenii” akkuma raggaasisa kadhannaa mana sagadaa ibsa amanamummaa ibsa tokkoo of keessatti hammatu Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. 1Qor. 14:16; 2Qor. 1:20; Mul. 1:7; 5:14; 7:12).

B. Itti fayyadamni jechichaa kadhataa tokkoof akka xumuraatti fayyaduun isaa Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. Rom. 1:25; 9:5; 11:36; 16:27; Gal. 1:5; 6:18; Efe. 3:21; Fil. 4:20; 2Tas. 3:18; 1Xim. 1:17; 6:16; 2Xim. 4:18).

C. Ibsoota adda ta'an beeksisuuf jechichatti (yeruma hunda Wangeela Yohaannis keessatti dacha gochuudhaan) kan itti fayyadame Yesus qofaadha (cf. Luq. 4:24; 12:37; 18:17,29; 21:32; 13:43)

D. Inni Mul. 3:14 keessatti Yesuusiif akka aangootti faayidaarra oole (Isa. 65:16 irraa aango YHWH ta'uu ni danda'a).

E. Qabiyyeen amanamummaa ykn amantii, abdannaa, ykn abdachuun jecha Giriikii Pistos ykn pistis, isa Afaan Oromootti akka “abdi”, “amantii” amanannaatti hiikamu keessatti ibsamee jira.

▣ **“isin, isin”** kunniin lamaanuu DANOOMA. Yesuus kanneen achi dhaabachaa turan hundumattuu miira tokkoon, nama hundaatti himaa jira!

▣ **“Waaqa banamaa”** Gaaleen kun Theophay Kakuu Moofaaisatti bilbilu ni qaba.

1. Hisqi'el, His. 1:1
2. Yesuus Mat. 3:16; Mar. 1:10; Luq. 3:21
3. Isxifaanoos, HoE 7:56
4. Qorneliyoos, HoE 10:11
5. Dhufaatii lammaffaa, Mul. 19:11

Inni kun PERFECT ACTIVE PARTIPLE isa banamanii hafuu isanaii ibsu. Jechi “Waaqa” jedhu sababa Ibroota biratti DANOOMA ta'eef DANUUdha. Inni kun (1) qilleensa banamaa lafaa ol jiru (2) sirritti dhihaachuu Waaqayyoo eeruu ni danda'a.

MATA DUREE ADDAA: WAAQA

Kakuu Moofaa keessatti jechi “Waaqa” jedhu yeruma hundaa DANOOMA (i.e. shamayin, BDB 1029). Jechichi Ibruu “ol ka'uumsa” jechuudha. Waaqayyo iddoo ol ka'arra jiraata. Yaadichi qulqullummaa fi hunda caalummaa Waaqayyoot calaqqisiisa.

Uma. 11 keessatti DANOOMNI bantiiwwan “Waaqaa fi lafaa” akka uumama Waaqayyoo (1) akka qilleensa banamaa pilaanetii lafaatii olii ykn (2) akka karaa dhugaa hundaa erutti (i.e, an hafuura fi kan foonii) ilaallamanii turaniiru. Hubannaa bu’uraatirraa kitaabileen kan biroo akka sadarkaalee Waaqaatti ragaadhaan ni eeru. “Waaq Waaqotaa” (cf. Far. 68:33) ykn “Waaqaa fi Waaqa Waaqotaa” (cf. Kes. 10:14; 1Mot. 8:27; Nah. 9:6; Far. 148:4). Barsiisonni tarii tilmaama kanneen armaan gadii ta’uu ni danda’a.

1. Waaqota lama (i.e. R.Yihudaa, Hagigah 126)
2. Waaqota sadii (Test. Levi 2-3; Ascen Isa. 6-7, Midrash Tehillim Far. 114:1 irratti)
3. Waaqota shan (III Barunch)
4. Waaqota torba (R.Simonb. Lakish; 2Enoch 8; Ascen Isa 9:7)
5. Waaqota kudhan (2Enoch 20:3b; 22:1)

Kunniin hundinuu addaan ba’uu uumama ijaan arginu fi hundaa ol ta’uu Isaa Waaqayyoo argisiisuuf jechuufi ture. Barsiisummaa Yihudummaa keessatti lakkoofsi Waaqotaa beekamoon baay’ee kan baratame torba ture. A. Cohen, Everymanis Talmud (f. 30) geengoowwan astiroonomii wajjin walk an qabate ture jedha, garuu inni lakkoofsa torba jiraataa guutummaan guutuutti sirrii kan eeru natty ni fakkaata (ie., guyyootii uumamaa boqonnaa Waaqayyoo Uma. 1 keessatti bakka bu’an torbaan).

Phaawuloos, 2Qor. 12:22 keessatti Waaqa “sadaffaa” (Giriikii Ouranos) karaa akka eenyummaa jiraachuu hund caalummaa Waaqayyoo ibsaa jirutti ni eera. Phaawuloos Waaqayyoo wajjin otuu hin yaadamin itti ba’ee ture!

▣ **“ergamoota Waaqayyooos irra otuu ol ba’anii gad bu’ani”** Inni kun shaakala Yarkob Batheel keessatti eeruudha (cf. Uma. 28:10ff). yesus akka kan Waaqayyoon abdachiifametti fedhiwwan Yaaqoob hundaa dhiheessuuf Yesus dhugaa ta’uu isaa dubbachaa jira, Waaqayyoo fedhiwwan Isaa hundumaa dhiheessaa ture!

▣ **“Ilma Namaa”** Inni kun muudama kennuu filannoo ofii Yesusiidha. Inni sun gaalee Ibraayisxii isa dhala namaa eeraa ture (cf. Far. 8:4; His. 2:1). Garuu sababa itti fayyadama isaa Dan. 7:13 keessaatiin, inni qulqullina Waaqummaa addaa ni qaba. Jechi kun ilaalcha lamummaa ykn loltummaa hin qabu ture, sababni isaas barsiisota amantii fi seeraatiin faayidaarra hin oolle ture. Sababa inni kallattiiwwan uumama Isaa (namummaa fi Waaqummaa, cf. 1Yoh. 4:1-3) walitti hidheef Yesuus isa filate. Yohaannis Yesuus isa ofii Isaatiif si’a kudha sadii itti fayyadamaa jiraachuu isaa ni eera.

GAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Maaliif ture gartuuwwan Yerusaaalem irraa dhufan Yohaannis cuuphaan yoo namoota beekamoo Kakuu Moofaasadan keessaa tokko ta’etti isa gaafatuu?
2. Ibsa Kiristoolojii isa Yohaannis waa’ee Yesus waraabbilee 19-30 keessatti ibsa godhuu ibsaa
3. Malaiif wangeelonni walfakkaatanii fi Wangeelonnis waamicha duuka buutotaa irratti adda adda ta’uu?
4. Namoonni kunniin waa’ee Yesuus maal hubatanii? Aangoo isana ittiin Isa waaman (waraabbii 38) qalbeeffadhaa.
5. Yesuus maal jedhee ofii Isaa waamaa? Maaliif?

YOHANNIS 2

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
cidha qaanaa	Bishaan daadhii wayiniitti jijjiirame	Cidha Qaanaa	Cidha Qaanaa	Cidha Qaanaa
2:1-11	2:1-12	2:1-11	2:1-3 2:4 2:5 2:6-10 2:11	2:1-10 2:11-12
2:12		2:12	2:12	
Qulqullaa'uu Mana Qulqullummaa	Yesuus mana qulqullummaa ni qulqulleessa	Qulqullaa'uu Mana Qulqullummaa		Qulqullaa'uu Mana Qulqullummaa
2:13-22	2:13-22	2:13-22	2:13-17 2:18 2:19 2:20 2:21-22	2:13-22
Yesuus Namoota Hunda ni beeka	Yaada garaa isa beeku	Yaada garaa Isa beeku	Beekumsa Yesuus uumama dhala namaa	Yesuus Yerusaalem keessaa
2:23-25	2:23-25	2:23-25	2:23-25	2:23-25

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Hubannoo Jabaa dubbisichaa

- A. Yesuus namoota amantii bara isaatirraa baay'ee adda ture. Inni namootuma barataman wajjin nyaatee dhugeera. Yommuu Yohaannis cuuphaan nama dhunfaa lafa onaa irraa ture, Yesuus namoota barataman wajjin akkuma nama kaawwaniit ture.
- B. Milikkinni Isaa inni jalqabaa, kan baratame, kan namoota danuu biratti beekamu ture! Namaaf yaaduuniifi kunuunsa gochuun Yesuus akka aarii Isaatti namoota ofiin abbootii amantii qajeeltota of godhan irratti qabu, amala Isaa gara kan biraa ni calaqqisiisu. Namootaaf wanti dursu, aadaa ykn gochaalee amantii yeroo hundaa seeraan godhaman, ammayyuu abdiwwan aadaa jiraatanille, otuu hin bilisummaa Yessuus ni ibsa.
- C. Inni kun mallattoowwan torba kanneen Yohaannis amalaa fi humna yesuus ibsuuf itti dhimma ba'uudha (boqonnaawwan 2-11).
 1. Bishaan gara daadhii wayiniitti (2:1-11)
 2. Mucaa tokko fayyisuu (4:46-54)
 3. Nama naafa fayyisuu (5:1-18)
 4. Waacaqa nyaachisuu (6:1-15)
 5. bishaanirra deemuu (6:16-21)
 6. namticha jaamaa fayyisuu (9:1-41)
 7. Alaazaar du'aa kaasuu (11:1-57)

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 2:1-11

¹Guyyaa sadaffaatti immoo kutaa biyya Galiilaa mandara Qaanaatti cidhi tokko ture; haati yesuus achi turte. ²Yesuusii fi bartoonni isaas cidhichatti waamamanii turan. ³Daadhiin wayinii duraa dhumnaan haati Isaa, “Daadhii wayinii hin qaban” jettee yesuusitti hime. ⁴Yesuus immoo “Haadhoo, maaliif hojii kookeessa lixxa ree? Waa gochuuf yeroon koo amma illee hin geene” jedhee deebise. ⁵Haati isaa yommuu warra achii ergamaniin, “Waanuma Inni isnitti himu godhaaf!” jetteen. ⁶Warri Yihudootaas seera itti ofii isaanii, qodaa isaaniis qulleessan qabu turan; kanaafis gaanii dhagaa ja'a, tokkoon tokkoo isaa akka liitirii saddeettamaa hamma dhibbaa fi diigadamaatti kan fudhatu achi ni dhadhaabatu. ⁷Yesuus yommuu jaraan, “Bishaan gaanota kanatti guutaa!” jedhe; kanaaf isaan hamma afaanitti guutan. ⁸Kana booddee Yesuus, “Buusaatii isa cidhicha gaggeessutti geessaa!” isaaniin jedhe, isaan yommuu itti geessan. ⁹Namichi bishaan isa daadhichi eessaa akka ba'e, warra bishaan guure sanatu beeka malee namichi hin beeku ture. Yommuu dhirsa misirroo ofitti waamee, ¹⁰“Silaa illee akka amala biyya kanaatti namni hundinuu daadhii wayinii isa gaariid ura kennee, erga keessummoonni quufanii daadhii isa lammaffaa fida, ati garuu daadhii isa gaarii hamma ammaatti keesse” ittiin jedhe. ¹¹“Yesuus Milikkita argisiise hundumaa keessaa isa jalqabaa kana Qaanaa Galiilaatti hojjete, ulfina Isaa mul'ise, bartoonni Isaas ittumaa Isatti aman.

2:1 “cidha tokko tokko ture” Cidhoonni mandaraa gochaawwan hawaasummaa guddaa turani. Isaan yeruma hundaa guutummaa hawaasaa hirmaachisuudhaan guyyoota danuudhaaf ni turu ture.

▣ **“Qaanaa”** jechi kun Wangeela Yohaannis (2:1,11,4:46; 21:2) keessatti duwwaa maqaan isaa dhahame. Nuyi waa'ee

1. Mandara naataanaa'el
2. iddoo milikkita dinqii jalqabaa Yesuus
3. Qophrinaaumitti dhihaata.

Iddoowwan ta'uu danda'an afur ni jiru.

1. *Ain* Qaanaa, Naazireetirraa gara Kaabaatti maayiluma tokko
2. *Kafir* Qaanaa, kaaba bahaa Naazireet gara maayilii sadii kan ta'u
3. *Khirbet* Qaanaa, *atel* gara kaabaa Naazireetitti maayilii saddeetii fi walakkaa kan fagaatu, tabbarra jiru.
4. Qaanaa *plain of Asochis* irraa, Yosefusiin eerame (Life, 86, 206).

Lafti ciisaa bal'aan maqaa Qaanaa jedhu wajjin kan walitti mijaatu fakkaata, innis Ibruun “Shanbaqqoo” (i.e. Agadaa) dhaafi.

▣ **“haati Yesus achi turte”** Ifumatti Maariyaan adeemsa cidhichaa sisirreessuudhaan gargaaraa turte. Inni karaa (1) hojjetoota ajajuudhaan (cf. w.51 fi (2) bashannanuuf ilaalchisee (cf. w.3) hojiin ishee mul'achuu ni danda'a. Jarreen kun fira yookiin hiriyoota maatii turuu danda'u.

2:3 “dhaadhii wayinii hin qaban” Keessummootaaf daadhii wayinii dhiheessuun inni aadaa dirqamaa warra Ibrootaa ture. Daadhiin wayinii kun akka (1) yaada abbaa cidhichaatti, ww. 9-10; (2) aadaa warra Yihudootaa bara Yesuusitti; ykn (3) hanqina sirna qulqullummaa ykn kemmikaalota itti naqamaniin kan naqamuudha/kan hojjetamudha.

MATA DUREE ADDAA: ALKOLII FI ALKOOLII UMMAA IRRATTI ILAALCHA MACAFA QUQLULLUU

I. Jechoota Macaafa Quqlulluu

A. Kakuu Moofaa

1. *Yayin* - Inni kun jecha waliigalaa daadhii wayiniiti (BDB 406). innis yeroo 141 faayidaarra oolee. Qo'annoon saayinsii jechootaa waan mirakneeffate hin qabu. Sababnii isaas hidda Ibruu irraayi miti waan ta'eefi. Inni yeruma hundaa cuunfaa fuduraa bilchaate/danfe, yeruma hundaa ija wayinii jechuudha. Dubbisootini kanneen dhugaa tokko tokko Uma. 9:21; Ba'u 29:40; lakk 15:5,10dha.
2. *Tirosh* – Inni kun “wayinii haaraa” dha (BDB 440). Sababa haala qilleensaa Baha Dhihootiin danfuun erga cuunfaan argamee sa'aatii ja'aan booda yerosuma jalqabe. Jechi kun adeemsa daadhii wayinii ni eera. Dubbisoonni dhugaa tokko tokkoof Kes. 12:17; 18:4; Isa. 62:8-9; Hos. 4:11.
3. *Asis* – Inni kun ifumatti dhugaatiwwan alkooliiti. (daadhii wayinii mi'aawaa” BDB 779, e.g. Yo'e. 1:5, Isa. 49:26).
4. *Sekar* – Inni kun jecha “dhugaatii cimaa” dha (BDB 1016). Jechi Ibruu hiddi isaa jecha “dhugduu” ykn “machooftuu” keessatti fayyade. Inni caalaatti kan macheessu akka ta'uf wanta itti dabaluu/itti naqamu tokko ni qaba ture. Inni yayin ni cinaayyaadha (cf. Fak. 20:1; 31:6; isa 28:7)

B. Kakuu Haaraa

1. *Oinos* - jecha Giriikii Yayinin wal qixa ta'e
2. *Neos oinos* (wayinii haaraa) jecha Giriikii tirosh'in wal qixa ta'e (cf. Mar. 2:22)
3. *Glueuchos vios* (wayinii mi'aawaa, asis) daadhii wayinii otuu hin bilchaatiin/hin danfiiniin dura jiru (cf. HoE 2:13)

II. Itti fayyadama Macaafa Qulqulluu

A. Kakuu Moofaa

1. Daadhiin wayinii kennaa Waaqayyooti (Uma. 27:28; Far. 104:14-15; lal 9:7; Hos. 2:8-9; Yo'e 2:19,24; amo. 9:13; Zek. 10:7).
2. daadhiin wayinii qaama kennaa aarsaati. (Ba'u. 29:40; Lew. 23:13; Lakk. 15:7,10; 28:14; Kes. 14:26, Abo. 9:13).
3. Daadhiin wayinii akka dawaatti kan faayidaarra ooluudha (2Sam. 16:2, Fak. 31:6-7).
4. Daadhiin wayinii rakkina dhugaa ta'uu ni danda'a. (Hooh Uma. 9:21; Loox Uma. 19:33,35, Saamsoon Abo. 16:19; naabaal 1Sam. 25:36; Uriyaa 2Sam. 11:13, amnoon 2Sam. 13:28, Elaah 1Mot. 16:9 Benhaadaad 1Mot. 20:12; Ajajtoota Amo. 6:6; fi Dubartooa Amo. 4).

5. Daadhiin wayinii jeeqamuu ni danda'a (Fak. 20:1, 23:29,35; 31:4-5; Isa. 5:11,22; 19:14; 28:7-8, Hos 4:11).
 6. Daadhiin wayinii gartuwwan muraasaaf kan dhoowwame ture (luboota hojiirraa, Lew. 10:9; His. 44:21; Warra Naazaaret, Lakk. 6, fi bulchitoota, Fak. 31:4-5; Isa. 56:11-12, Hosea 7:5).
 7. Daadhiin wayinii akka yoomessa eschaaloloojii keessattis faayyadeera. (Amoos 9:13; Yoel 3:18; Zek. 9:17).
- B. Keessa Macaafa Quqlulluutti
1. Daadhii wayinii daangaadhaan yoo dhugan baay'ee nama gargaara (Lal. 31:27-30)
 2. Barsiisonnii amantii fi seeraa warra Yihudootaa “Daadhiin wayinii qorichoota kan biroo kamiyyuu caalaatti baay'ee gaariidha, iddoo daadhiin wayinii hin jirreetti, qorichoonni ni barbaadamu” (BB 58b).
- C. Kakuu Haaraa
1. Yesuus bishaan danuu gara daadhii wayiniitti geeddare (Yoh. 2:1-11)
 2. Yesuus daadhii wayinii ni dhuge (Mat. 11:18-19; Luq. 7:33-34; 22:17ff)
 3. Pheexiroos phenteqostitti machoofota daadhii wayinii jabaatiin himatamee ture (HoE 2;130>
 4. Daadhiin wayinii akka dawaatti faayidaarra ooluu ni danda'a (Mar. 15:23; Luq. 10:34; 1Xim. 5:23).
 5. Dursiitoonni jeeqtoota ta'uu hin qabna. Sana jechuun warra waan jaalatan irraa of qusatan hunda jechuu miti (1Xim. 3:3,8; Tit. 1:7; 2:3; 1Phe. 4:3).
 6. Daadhiin wayinii akka yoomessa eschaaloloojii keessattis faayyadeera (Mat. 22:1ff; Mul. 19:9).
 7. Machaa'aan balaaleffatamaadha (Mat. 24:49; Luq. 12:45; 21:34, 1Qor. 5:11-13; 6:10; Gal. 5:21, 1Phe. 4:3, Rom 13:13-14)
- III. Ilaalcha gama ti'ooloojitiin jiru dhugaa bira
- A. Dhipina falmii gochuudhaan dhugaa bira ga'uuf godhamu.
1. Daadhiin wayinii kennaa Waaqayyooti.
 2. Dukkanni rakkoo guddaa ture
 3. Dhugdummaan rakkina tokko keessa jiranu wangeelichaaf jecha bilisummaa isaanii daangeessu qabu (Mat. 15:1-20; Mar. 7:1-23; 1Qor. 8-10; Rom 14)
- B. Fedha socho'u daangaawwan kennaman gararraa deemuu
1. Waaqayyo madda wantoota gaarii hundaati.
 2. Dhalli namaa daangaawwan Waaqayyoon kennaman caalaa fudhachuudhaan kennaawwan Waaqayyoo hunda jeeqaniiru.
- C. Jeequmsa nu keessa, wantoota keessaa miti. Uumamoota mul'atan keessaa wanti xuraa'aa ta'e hin jiru (cf. Mar. 7:18-23; Rom. 14:14,20; 1Qor. 10:25-26; 1Xim. 4:4; Tit. 1:15).
- IV. Aadaa fi daadhii wayinii naquu jaarraa jalqabaa
- A. Danfuun/bilchaachuun dafeetuma ni jalqaba, tilmaamaan erga iji wayinii guurramee booda sa'aatii ja'aa booda.
- B. Aadaan, warra Yihudootaa yommuu homechi yartuun iddichatti yoo mul'ate (mallattoo danfuu), inni kurnoo daadhii wayiniidhaaf abdachiisaadha. (Macaafa Quqlulluu aseroth 1:7). Innis daadhii wayinii cimaa” ykn “daadhii wayinii mi'aawaa” jedhama.
- C. Danfiinsi/bilchinni jeeqaan jalqabaa kan raawwate torban tokkoon booda ture.
- D. Danfiinsi/bilchinni jeeqaan lammaffaa gara guyyoota 40 ni ture. Sadarkaa kanarratti inni akka “daadhii wayinii turetti” fi akka aarsaatti iddoo qalmaatti kan dhihaatuu danda'e ture (Edhuyyoth 6:1).
- E. Daadhiin wayinii inni qodaa daadhii wayinii jalatti hafe (daadhii wayiniin ture) akka gaariitti fudhatame, garuu immoo otuu itit hin fayyamiiniin dura gaariifi kan butute ta'uu qaba ture.
- F. Daadhiin wayinii inni daadhii wayinii jalatti hafe (daadhii wayiniin ture) akka gaariitti fudhatame, garuu immoo otuu itti hin fayyadamiiniin dura gaariiffi kan butute ta'uu qaba ture.
- G. Waaqayyoottan 100 darban duwwaa keessatti naannoon baakteeriyoonni itti hin hore wantoonni kemmikaalaa itti naqaman danfiisa qabu akka yeroo biraatti cehu taasifamaa tureera. Biyyi lafaa durii adeemsa uumama danfiinsaa/bilchinaa dhaabuu hin dandeenye ture.
- v. Ibsoota dhumaa
- A. Shaakalli, ti'ooloojiinii fi hiikni Macaafa Quqlulluu keessan Yesuusiinii fi Yihudoota jaarraa jalqabaa/aadaa Kiristiyaanaa gatii kan dhaban akka hin goone mirkaneeffadhaa!
- B. Ani kanin jajjabeessaa jiru itti fayyadama alkoolii hawaasaatii miti. Haa ta'u malee, namoonni danuun dhimma kanarratti taayitaa Macaafa Quqlulluu raajessanii tolummaa/qajeelummaa aadaa/looginsa gama

tokkoo gartuuwwan amantii irratti hundaa'an ni komatu.

- C. Anaaf Roomaa ilaalchaa fi qajeelfama jaalalaa fi amantoota obba'e akkasumas raabsamuu wangeelaa akka aadaa keenyaatti dhiheessanii jiru. Erga macaafa Quqlulluu amantii fi shaakalaaf madda tokkicha ta'ee, tarii nuyi yaada kana irratti deebiifnee yaaduu qabna ta'a.
- D. Erga akka fedha Waaqayyooti lagannaa walii galaa ofirraa dhiibnee, waa'ee ysuus galaa ofirraa dhiibnee, waa'ee ysuus akkasumas kanneen warra aadaa hamma karaa idileetiin daadhii wayinii fayyadamanii (fkn. Awurooppaa, Isiraa'el, Arjantiinaa) yaada maal dhiheessina ree?

2:4 “Haadhoo/dubartii” Ingiliffaan inni kun wanta ulfaataan akka namatti dhagahamu ni godha, inni garuu bakka buusa warra Ibrootaati, xinnoo kabaja kennuudha (cf. 4:21; 8:10; 19:26; 20:15)



NASB “maaliif hojii koo keessa lixxa ree?”

NKJV “inni maal nuu godha?”

NRSV “inni anaa fi sii waan ilaallatuu?”

TEV “waanin ani godhu ati natti himuu hin qabdu

NJB “maaliin sittii qaba?”

Inni kun bakka uusa Ibraayisxiiti, jechumaan jecha “anaa fi siif maal godha” jechuudha (cf. Abo. 11:12; 2Sam 16:10; 19:22; 1Mot 17:18; 2Mot 3:13; 2Sen 35:21, Mat 8:29; Mar 1:24; 5:7, Luq 4:34; 8:28; Yoh 2:4). Inni kun Ysuusiif walitti dhufeenya haaraa firummaa maatii Isaa jalqabaa kan ture ta'uu danda'a (cf. Mat. 12:46ff, Luq 11:27-28).

▣ **“waa gochuuf yeroon koo ammallee hin geenye”** Inni kun of hubachuu Yesuus waa'ee Kaayyoo dibamuu isaat agarsiisa 9cf. Mar 10:45). Yohaannis jecha “yeroo” jedhu kana karaa baay'eedhaan ni fayyadama.

1. yeroodhaaf (cf. 1:39; 4:6; 52,53; 11:9; 16:21; 19:14; 19:27)
2. yesoo dhumaatiif 9cf. 4:21,23; 5:25,28)
3. yeroo dhuma Isaa tiif (qabamuu, gidiramuu, du'a, cf. 2:4; 7:30; 8:20; 12:23,27; 13:1; 16:32; 17:1)

2:5 “waamuma Inni isinitti himu godhaa!” Haala kana keessatti Maariyaam akka waliigalaatti qooda ishee gochaa Isaa akka hin taane dhoorguudhaan yaadota Yesuus hin hubanne ture.

2:6

NASB “warri Yihudootaa seera ittii ofii isanaii, qooda isaaniis qulleessan,

NKJV “akka amala qulleessuutti”

NRSV “warri Yihudootaa seera amantii ittiin of qulleessan”

TEV “warri Yihudootaa gochaalee walfakkaatoo amantii ittii fo dhiqan”

NJB “gochaawwan of dhiquu warra Yihudii gidduu jiru”

Qodaawwan bishaan baatan sirna miila, harka, meeshaalee manaa kkf dhiquudhaaf waa'ee ba'aa turani. Yohaannis Ormoonni yomeessa kana akka hubataniif yaada kana hdiheessa.

2:6-7 “gaanii dhagaa ja'a” Wangeela Yohaannis keessatti akkuma yeroo hundaatti, inni kun kaayyoowwan lama wajjin mallattoo kan ta'u fakkaata.

1. cimidiwwan cidhaa gargaaruuf
2. inni sun karaa dhuma hin qabneen akka mallattoo fiixaan ba'uu Yihudootaati Yesuus agarsiisu tokko ture. Sababni ibsa dhuma kana duuba jiru tarii
 - a. lakkoofsi “6” fakkeennoo carraaqii namaati.
 - b. Gaaffiin yesuus akka isaan hamaa afaanitti guutani daadhuma wayinii dhiheessuu qofaadhaaf utuu hin ta'in hiikkaa fakkeenya wayinii kan qabu fakkaata.
 - c. Dhaadhii wayinii danuu, isa sirna cidhaa naannoo tokkootiif baay'ee baay'atu.
 - d. Daadhiin wayinii fakkeenya safara malee ta'uu bara haraat ture (cf. Er. 31:12; Hos 2:22; 14:7; Yoe 3:18, Amo 9:12-14)

▣ “**litirii saddeettamaa hamma dhibbaa fi diigdamaatti kan fudhatu**” safarichi kan dhimma ba'e jecha ibrootaa bathdhaaf ture. Bara Yesuusitti bath'n faayidaarra oolan kan adda addaa sadi'itu jira ture, kanaafuu hamma jedhame sun waan sirrii hin turre, garuu immoo dinqiin kun daadhii wayinii safara gudda aof keessaa qaba ture!

MATA DUREE ADDAA: ULFINAA FI QABIYYEE (METROLOGY) WARRA BAHHA DHIHOO DURII

Ulfinnii fi safartuuwwan dinagdee qonnaa warra durii keessatti daldala keessatti faayidaarra oolan baay'ee kan barbaachisan turani. Macaafni Qulqulluun warri Yihudootaa walii galateewwan tokko kan biraa wajjin godhaniin kan wal madaalan akka ta'aniif ni gorsa (cf. Lew. 19;35,36; kes. 25:13-16, Fak 11:1; 16;11; 20;10). Rakkinni inni dhugaan amanamummaa duwwaa hin turre, jechoonnii fi toftaawwan sadarkaa isaanii hin eegganne Filisxeemota keessatti waa'ee ni baasa ture. Inni meeshaawwan ulfina ittiin safaran lama kan turan fakkaata, “salphaa” fi “ulfaataa” hamam tokkoo tokko isaa (Interpreter's Dictionary of the Bible, 4 maxxansa 4, ff 831 ilaalaa). Dabalataanis tooftaan deesimaalii (beezii 10) warra Gibxii seksaagesimaalii (beezii 6) warra Mesoptamiyaa wajjin kan walitti qindaa'ee ture.

“Safaronni” fi “hammi” wantootaa irra jireenyi kan faayidaarra oolaa turan qaamota dhagna namaa, ulfina beelladootaa, gombisaawwan, qotee bultootaa, warra sadarkaa hin qabne irratt ture kan hundaa'ee ture. Kanaaf, caatoowwan kan tilmaama qofaatii fi kan geeddaramuu danda'aniidha. Karaa inni salphaan ulfinaa fi safara argisiisaniin caatoo walitti dhufeenya qabu tokkoratti ture.

1. Jechoonni qabiyyee yeruma hundaa kan fayyadan...

A. Safara goggogaa

1. *Homer* (BDB 330, “ba'aa harree” tokko ta'a, BDB 331, Fak Lew 27;16; Hos 3:2
2. *Letekh* (ykn *lethech*, BDB 547, Hos 3:2 keessatti eerameera ta'a,
3. *Ephah* (BDB 35), fak, Ba'u 16;36; lew 19;36; His 45:10-11,13,24
4. *Se'ah* (BDB 684) fak, Uma 18:6; 1Sam. 25:18; 1Sam 25:18; 1Mot 18:32; 2Mot 7;1,16,18
5. *Omer* (BDB 771, II “bissii/nadoo tokko” [hidhaa midhaan haamamee tokko] ni ta'a, BDB 771 I) fak, Ba'u 16;16,22,36; lew 23:10-15
6. *Issaron* (BDB 798 “kutaa torbaffaa” ephah) fak, Ba'u 29:40, Lew 14:21; Lak. 15:4; 28:5,13
7. *Qau* (ykn Kab, BDB 866), cf 2Mot 6:25

B. Safartoota dhangala'aa

1. *kor* (BDB 499) fak, His 45:14 (safara wanta goggogaas ta'uu ni danda'a, cf 2Sen. 2:10; 27:5)
2. *Bath* (BDB 144 II) fak, 1Mot 7:26, 38; 2Sen 2:10; 4:6; Isa 5:10; His 45:10-11,14
3. *Hin* (BDB 228), fak, Ba'u 29:40; Lew 19:36; His. 45:24
4. *Log* (BDB 528) cf. Lew 14:10,12,15,21,24

C. Caatoo (Ronald de Vanx, Ancient Isirael, waraabii 1 ff 201 fi Encyclopedia Judica, waraabii 16 ff 379 irraa fudhatame)

Homer (dry) = kor (liquid or dury)	1					
Ephah (dry) = bath (liquid)		10	1			
Se'ah (dry)	30	3	1			
Hin (liquid)	60	6	2	1		
Omer/issaron (dry)	100	10	-	-	1	
Qav/kab (dry)	180	18	6	3	-	1
Log (liquid)	720	72	24	12	-	4

II. wantoota ulfinaa yeroo baay'ee fayyadan

A. Ulfinootti beekamoon sadan sheeqelii, fi gerah turan.

1. Ulfinni hunda caaluu Kakuu Moofaa keessatti madaalii godoo qulqullaa'aadha. Ba'u 38:25-26 irraa madaalii godoo qulqullaa'aa, tokko sheeqilii 3,000 wajjin wal qixa ta'uu isaa ni baranna. (i.e “ulfina guutuu” BDB 503).
2. Jechi sheeqelii (BDB 1053, “ulfina” kanaafuu yeruma hunda akka yaaddameetti faayidaarra oola malee, dubbisa keessatti hin kaa'amu. Kakuu Moofaa keessatti gatiiwwan sheeqelii eeraman danuutu jira.
 - a. “sadarkaa daldalaa” (NASB Uma. 23:16)
 - b. “sheeqelii iddoo quqlullummaa” (NASB Bau 30:13)
 - c. “ulfina mootiitiin (NASB 2Sam. 14:26), dabalataanis *papri* akka Arbaa keessatti “ulfina sanyii mootii” jedhamee waamamasi.
3. *Gerah* (BDB 176 II) sheeqeliitti 20tti gatii baasa (cf. Ba'u 30:13; Lew 27:25; Lak 3:47; 18:16; His

45:12). tilmaamni (Reeshiyooniwwan) kunniin Mosopootamiyaadha hamma Gibxii jijjiirama ni fidu. Isiraa'el madaalli irra jireenyaan kanaan (*ugarit*) keessatti baratame hordofte.

4. *Mina* (BDB 584) eithertti sheeqelii 50 ykn 60tti gatii baasa, jechi kun irra jireenyaan kitaaba Kakuu Moofaa booddee (i.e. His 45:12, Iz. 269; hah. 7:70-71) keessatti argama. Hisqi'eel reeshiyoo/tilmaama 60:1 fayyadame, yommuu kanaan reeshiyoo 50:1 fayyadametti
5. Beka (BDB 132, “sheeqelii walakkaa/gamisa” cf. Uma. 24:22) yeruma lama qofaa Kakuu Moofaa keessatti faayidaa irra oole (cf. Uma. 24:22; Bau 38:26) akkasumas immoo sheeqilii tokko, walakkaadhaaf gatii baasa ture. Hiikni maqaa isaa “addaan qooduu” dha.

B. Caatoo

1. Pentatevch irratti hundaa'uun

Talent1

mina	60	1		
shekel	3,000	50	1	
beka	6,000	100	2	1
garah	60,000	1,000	20	10

2. Hisqi'el irratti hundaa'uun

Talent1

Mina	60	1		
Shekel	3,600	60	1	
Beka	7,200	120	2	1
Gerah	72.000	1.200	20	10 1

2:8

NASB “isa cichicha gaggeessuu”
NKJV “isa ayyaanicha/sirna isaa gaggeessuu”
NRSV “hogganaa sirnichaa”
TEV “namticha cidhichaaf itti gaafatamu”
NJB “abbaa sabbataa”

Namni kun (1) keessummaa kabajaa cihdi kun isa ilaallatu ykn (2) gargaaraa keessummootaa keessummeessuun isa ilaallatu ta'uu ni danda'a.

2:10 “qabxichi daadhiin wayinii yeruma hunda jalqaba faayidaarra oolee ture a'uu isaati” Erga keessummooni machaa'anii booddee ture daadhii wayinii inni lafaan kan fayyade/tajaajile. Asitti garuu isa gaariitu dhumarratti ta'e! Inni kun walbira qabuu Kakuu Moofaa (daadhii wayinii moofaa) Yuudaa keessaa fi Kakuu Haaraa (daadhii wayinii haaraa) Yesuus keessaa gidduutti ta'e wayiit fakkaata (cf. Macaafa Ibrootaa). Qulqulleessuun Mana Qulqullummaa Yesuus (cf. 2:13-25) ifatti tartiiba yeroo dheeraadhaaf turuun alatti kan kaayyoo ti'oolojii Yohaannisiif kaa'ame) tariid hugaa kanaaf fakkeenya ta'uu ni mala.

2:11 “milikkita argisiise hundumaa keessaa isa jalqabaa” Wangeela Yohaannis marfata milikkitoota torbaa fi hiikkaawwan isaanii irratti kan ijaarameedha. Inni kun kan jalqabaati. Mata duree Addaa: Achi 1:1 irratti ilaali.

☐ **“ulfina Isaa mul'ise, bartoonni Isaas ittuma Isatti amananii”** Mul'isuun (yaadannoo GOCHIMAA 1:31 irratti ilaali) ulfina Yesuus (yaadannoo 1:14 irraa ilaali) kaayyoo dinqii (wanii) ture. Dinqiin kun, akkuma kanneen danuu kan biroo hunda dura bartoota Isaatiif kan qajeelfaman fakkaatu! Inni kun gochaa amantii duraa isaanii hin eeru, hubannoo namoomaa fi hojii Isaa itti fufaa tue malee. Milikkitoonni namoomaa fi hojii dhugaa Masihichaa mul'isu. Keessummooni yomiyuu wanta mul'ata beekaniif kaan wanti mirkanaa'e hin jiru.

NASB KITAABA (HAARAA) 2:12

¹²**Kana booddee, Yesuus haadha Isaa, obbolota Isaatii fi bartoota Isaa wajjin gara mandara qifiraahomitti gad bu'e; garuu guyyaa baay'ee achi hin bubbulle.**

2:12 “Qifiraanaahomitti” Warra hin amanne warra Naazireetiitiin booddee (cf. Luq. 4:16-30) inni kun Galiilaa keessatti iddoo buufataa muummee Yesuus ni ta'e (cf. Mat. 4:13; Mar. 1:21; 2:1; Luq. 4:23,31; Yoh. 2:12; 4:46-47).

☐ Ergamaa Yesuus maatii Isaa ilaalchisee, ifa dinqii Qaanaa kana irratti inni kun wanta adda ta'e hamma laphsuu ijaa tokko.

2:13-25 YAADOOTA DUBBISA KEESSAA

- A. Yeroo hammamiitiif Yesuus mana qulqullummaa akka qulqulleesse barattoota Kakuu Haaraakeessatti mareewwan danuun taasifamaa turaniiru. Wangeela Yohaannis qulqullina jalqabaa hamma ta'e ergama Yesuus keessaa ni galmeessa, Wangeelonni wal fakkaatan (Mat. 21:12; Mar. 11:15 fi Luq. 19:45) yommuu qulqullina yeroo torban dhumaa jireenya Yesuus ibsan. Adda addummaa ilaalchoota lamaanii irratti hundaa'uudhaan, tokko otuu hin ta'in qulqullinni Mana Qulqullummaa lama jiraachuu ni mala.
- Haa ta'u malee, Yohaannis gochaawwan Kunis kaayyoowwan ti'oolojiitiif qindeessuun isaa waan danda'amuudha. i.e Yohaannis boqonnaa 1 irraa kaasee Waaqummaa guutuu Yesuus dhugaa ta'uu isaa ni dubbata) Barreessitoonni Wangeelaa kamiyyuu dadammaqiinsaana gochaawwanii fi barsiisota Yesuus filuu, wal simachiisuu, sirreessuu, fi keessa deebi'uudhaaf mirga ni qabu ture. Mirga dubbiiwwan afaan Yesuus keessa godhuu ykn mimmiidhaqsuun ni qabu ture jedhe hin amanu. Wangeelonni seenaawwan jireenyaa hammayyaa otuu hin ta'in tiraaktiiwwan wangeelaa dubbistoota filataman biratti xiyyeeffannaa argatee ta'uu qabachuun isaa isaan yaadatamuu qabuudha. Wangeelonni haalaa fi yeroo akka taa'umsa isaatti duraaf booddeedhaan kan galmeeffame ykn jechoota Yesuus tokko tokkoonkan galmaa'ee miti (caalaatti guduunfaawwani malee). Inni kun isaan dogoggora jedhee yaada hin dhiheessu. Barreeffamni warra Bahaa barreeffama warra dhihaa caalaa tilmaamot adda addaa aadaa irratti hundaa'ani. Gordon Fee fi Douglas Stawrt, How To Read the Bible For All Its Worth, ff 127-18 ilaalaa.
- B. Qulqullummaan Mana Qulqullummaa kaayyoo ti'oolojii Yohaannis saba Yihudootaa wajjin walii galtee Yesuus jalqaba godhuu walii galaa wajjin walitti mijaata. Inni kun maree nan Neqodimoos wajjin boqonnaa 3 keessatti godhame keessatti ilaallamuu ni danda'a (Amantii Yihudii Ortodoksii). Haa ta'u malee, boqonnaa 4 keessatti Yesuus garee bal'aa tokko wajjin walii galuu gartuu Amantii Yihudaa warra shakkitoota tokko ta'anillee) dubartii Samaariyaa takkaan ni jalqaba.

QOO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

NASB KITAABA (HAARAA) 2:13-22

¹³Ayyaanni Faasiikaa warra Yihudootaa geenyaan, Yesuus gara Yerusaalemitti ol ba'e. ¹⁴Mana qulqullummaa keessattis namoota iddoo sana taa'anii sangoota, hoolota, gugees gurguan, warra horii callaa gegeeddaranis arge. ¹⁵Yommuu Inni quuncee irraa qaccee dha'atee, hunduma isaanii hoolota isaanii fi sangoota isaanii wajjin gad isaan oofe; horii warra horii gegeeddaranii ni bittinse, gabaatootas gad garagalche. ¹⁶Warra gugee gurguraniin immoo, “kanakeessaa gad baafadhaa! Mana abbaa kootiis mana bittaa gurgurtaa hin godhinaa!” jedheen. ¹⁷Yommuu bartoonni Isaa “Hinaaffaan mana keetii nan gub” jedhamee isa caafame yaadatan. ¹⁸Kana irratti Yihudoonni “Waan ittiin kana gochuu dandeessu mul'isuudhaaf milikkita maalii nu argiisiifta?” jedhanii Isa gaafatan. ¹⁹Yommuu Yesuus deebisee, “Mana Qulqullummaa kan jigsaa! Ani immoo guyyaa saditti deebisee isa nana dhaaba” Isaanin jedhe. ²⁰Yihudoonni immoo, “mana qulqullummaa kana ijaaruun isaa waggaa afurtamii ja'a fudhate, ati immoo guyyaa sadi keessatti deebiftee isa dhaabdaa ree?” jedhanii gaafatan. ²¹Yesuus garuu waa'ee Mana qulqullummaa yommuu dubbate waa'ee dhagna ofii Isaa dubbachuu isaati. ²²Kanaaf bartoonni Isaa erga Inni du'ee booddee, waa'ee isa kanaaf dubbachuu Isaa yaadatan; waan macaafni jedhe, cubbii Yesuus dubbates ni amanani.

2:13 “ayyaanni Faasiikaa” Inni kun ayyaana waggaa Ba'u 12 fi Kes. 16:1-6 keessatti ibsameedha. Ayyaanni kun karaa tokkicha ittiin guyyaa ergama Yesuus lakkaa'uuf qabnuudha. Wangeelonni walfakkaatan Yesuus waggaa tokko qofaaf tajaajiluu Isaa ni ibsu (i.e, ayyaana Faasiikaa tokko qofaatu eerame). Yohaannis garuu Ayyaanota Faasiikaa sadi'i ni eera. (1) 2:13,23; (2) 6:4 fi (3) 11:55; 12:1; 13:1; 18:28,39; 19:14; 5:1 keessattis dabalataan ta'uu kan danda'uudha. Ergamni Yesuus inni si'aawaan namoota gidduu hammamiif akka ture nuyi hin beeknu, Wangeela Yohaannis garuuyoo xinnaatee xinnaatee waggoota sadi'i sirumaayyuu waggootan 4 ykn 5 ta'uu akka danda'a yaada ni dhiheessa.

Yohaannis Wangeela isaa naannawa ayyaanota warra Yihudootaa irratti qindeesse (Ayyaana Faasiikaa Mana Sagadaa, fi ayyaana warra Yihudootaa yeroo Manni qulqullummaa Yerusaaleem bara 165 DKB yaadannoo oole yaadachuuf godhamu, Richaard N. Longenecker, Biblical Exegesis in the Apostolic Period, maxxansa lammaffaa, ff 135-139 ilaalaa).

MATA DUREE ADDAA: AYYAANA FAASHIKAA

- I. Ibsoota baniisaa
- A. Gochaan firdii warra Gibxootaa fi Isiraa'elootaaf luba ba'uun kun jaalala YHWH fi hundeeffama Isiraa'el akka biyyaatiif kan sadarkaa dhiheessuudha (i.e. keessattuu, Raajotaaf).
 - B. Seerri ba'uu abdii YHWH Abrahaamiif Uma. 15:12-21 keessatti godhame addatti raawwatamedha. Ayyaanni Faasiikaa seera ba'uudhaaf ayyaana yaadannoo ni qopheessa.
 - C. Inni kun golfaa (haala ji'oograafiitiin, i.e. Gibxii fi Goshen) fi dheekkamsa (namoonnii fi loowwan hangafooni ni ajjeefamani) kudhan Gibxi irratti karaa Muuseetiin YHWHdhaan ergaman keessaa isa dhumaatii fi bakka hundatti argamudha.
- II. Jechichi ofii Isaatiif (BDB 820, KB 947)
- A. Hiikkaan MAQAA waan hin mirkanoofneedha.
 1. "golfaa" wajjin wal qabatee, sababa kanaanis "abootteedhaan haleeluuf" (i.e Ba'u 11:1); ergamaan YHWH hangafoota namaaf horii ni haleela.
 - B. Hiika GOCHIMAA
 1. 'okkoluuf" ykn "gadi'amuuf" (cf. 2Sam. 4:4), miira "mana mul'ifame irraan utaaluu" keessatti fayyade (i.e. Ba'u 12:13,23,27, BDB 619, qo'annoo saayinsii jechootaa beekamaa).
 2. "shubbisuuf" (cf. 1Mot. 18:21)
 3. Warra Akkadiyaa "gammachiisuuf"
 4. Warra Gibxii "miidhaa geessisuuf" (A.1 ilaali)
 5. GOCHIMOONNI cinayyaa Isa. 31:5 keessaa, "eegduu bira dhaabatani ilaalu" (cf. REB Ba'u 12:13).
 6. sagalee beekamaan kiristiyaanaa durii Pasah Ibruu fi paschoooo Giriikii gidduutti taphata, "gidiramuuf"
 - C. murteewwan seena qabeessa duraan murtaa'uu danda'an,
 1. Tikseen waggaa haara tokkoof aarsaa ni dhiheessa.
 2. Aarsaa Araboota dunkaana keessa jiraatanii fi nyata gamtaa iddoo eedichaa utaaluum hafuura hamaa ari'uuf yeroo dunkaana buqqisanitti godhamu.
 3. Aarsaa hafuura hamaa/xuraa'aa ari'uuf horsiisee bulootaan godhamu.
 - D. Sababni mataa isaatiin hiika jechaa mataa isaatiif mirkaneeffachuu duwwaadhaafuu baay'ee ulfaata, gruu immoo dabalataanis maddi isaa galemewwan adda adda ta'an Faasikaa dabalataanis gochaa'ee amantii walfakkaatoo warra durii keessatti
 1. Guyyaa utaaluu
 2. Qo'annoo jechaa gama saayinsiiitiin MAQAA mirkaneeffachuu dhabuu
 3. Halkan ilaalu dammaquu wajjiin wal qabate
 4. Faayidaa dhiigaa
 5. Fakkii ergamootaa/seexanaa
 6. Nyaata addaa
 7. Wayihiyyoowwan qonnaa (qixxaa)
 8. Lubni hin jiru, iddoo qalmaa hin jiru, xiyyeeffannaa naannoo
- III. Gochicha
- A. Gochumti ofii isaatii Ba'u 11-12 keessatti galmaa'ee jira
 - B. Ayyaanni waggaa Ba'u 12 keessatti ibsamee Ayyaana Qixxaa guyyaa saddeetiif ayyaaneffamuutti makame.
 1. Bu'urri isaa gochaa nananooti, cf. Ba'u 12:21-23; Kes. 16:5 (cf. Lak.9).
 - a. Lubni hin jiru
 - b. Iddoo qalmaa adda ta'e hin jiru
 - c. Faayidaa adda ta'e dhiigaa
 1. Inni gochaa wiirtuu iddoo Waaqeffannaadhaaf namoonni itti dhaqan ni ta'e.
 2. Walitti hidhamuun aarsaa naannoo tokkoo kun (i.e. Dhiiga korpheessaa Yaadannoo du'a ergamichaa irra darbuudhaaf qophaa'u) akkasumas ayyaanni yeroo makaraa inni wiirtuu bakka qulqullummaatti kajamu dhiheenya guyyaa Abib ykn Nisan 14 fi 15-21 raawwatamaa ture.
 - C. Fakkeenyi abbummaa hangafoota namootaa fi loowwanii hundaa akkasumas hafuura hamaa irraa bilisa ta'uun isaanii Ba'u 13 keessatti ibsameera.
- IV. Fudhatama seenaa qabeessa Ayyaaneffamuu Isaa
- A. Faasikaan jalqabaa Gibxii keessatti ayyaaneffame, Ba'u 12.
 - B. Gaara Siinaa/Horeebitti. Lak.9
 - C. Faasikaa jalqabaa kana'aan (Gilgaalaa) keessatti ayyaaneffame, Iya. 5:10-12
 - D. yeroo sanatti mana qulqullummaatiif of kennuu solomoon 1Mot. 9:25 fi 1Sen. 8:12 (ta'uu dnad'a, garuu addatti hin ibsamne)
 - E. Isa tokkicha bara mootummaa Hisqiyaa, 2Sen 30

- F. Isa tokkicha bara fooyya'uu Iyyaasuu, 2Mot. 23:21-23 2Sen 35:1-18
- G. 2Mot 23:22 fi 2Sen 38:18 ayyaana waggaa kana lash gochuuisaanii itti fufuu warra Isiraa'elootaa akka eeran hubadhaa,
- V. Barbaachisummaa
- A. Inni kun guyyaa ayyaanota waggaa jaal'ataman sadii keessaa isa tokkoodha (cf. Ba'u 23:14-17; 34:22-24; Kes. 16:16)
1. Faasiikaa/Ayyaana qixxaa
 2. Ayyaana Torbanootaa
 3. Ayyaana Godootaa
- B. Muuseen guyyaa inni itti wiirtuu bakka qulqullummaatti (akkuma ayyaanota lamaan turani) seera keessa deebii keessatti kabajamuu ni raaga.
1. Yesuus nyaata sirna Faasikaa waggaa (guyyaa isa duraa) fakkeenya buddeenaatii fi wayinii, keessatti Kakuu Haaraa mul'isuuf itti fayyadamee ture, hoolaa hin fayyadamne ture.
 2. Nyaata hawaasa keessaa
 3. aarsaa hafuura hamaa ialaa nama baasu dhaloota booddeetiif barbaachisummaa itti fufu

▣ **“Yesuus gara Yerusaalem ol ba'e”** Warri Yihudootaa yeruma hundaa waa'ee Yerusaaleem miira ji'oogiraafii ykn topoograafii (teessuma lafaa) caalaa miira ti'oolojii kana keessatti dubbatu ture.

2:14 “Mana qulqullummaa keessatti” Manni quqlullummaa Heerood Guddichaa (namni Idoom inni 347:4 DKD filixeem bite) manneen murtii adda addaa torbatti addaan qoodamee ture. Manni murtii inni alaa mana murtii Ormootaa, iddoo daldaloota kanneen warra aarsaawwan isaanii barbaadanii fi kennaawwan addaa dhiheessan gargaruuf suuqii isaanii itti sirreessan ture.

▣ **“sangoota hoolota, gugee”** Namoonni karaa dheeraa irraa dhufan beelladoota addatti fudhatama qaban bituuf ni barbaadan. Haa ta'u malee, maatiin luboota hangafaa suuqiiwwan kanneen to'atanii beelladoota gatii baay'ee mi'aa ta'een ni geeddaru ture. Dabalataanis otuu namoonni beelladoota mataa isaanii fidanii turaniyis sababa hanqina qabani jedhamnii yaaddamaniif lubbuunnikan Waaqaa guutanii miti jedhanii akka deebisanis ni beekna. Kanaafuu, isaan beelladoota isaanii daldaloota kanniin irraa bituu qabu ture.

▣ **“warra horii callaa gegeeddaranis”** Barbaachisummaa namoota kanniiniitiif ibsoota lamatu jira (1) mallaaqni callaan tokkichi manni qulqullummaa fudhatu ture sheeqelii qofaa ture. Hamma sheeqeliin warra Yihudootaa hojjetamuun isa adhaabatetti, manni quqlullummaa sheeqelii gommaa irraa bara Yesuus keessaa duwwaa fudhatu ture ykn (2) saantimni Mootii Roomaa baachuu hin dandeenye hin heyyamamu ture. Dhugumattuu, kaffaltiin tokko jira ture!

2:15 “Inni quuncee irraa qaccee dhahatee, hubnduma isaanii hoolota isaanii fi sangoota isaanii wajjin gad isaan oofe” “Aariin Yesuus ifumatti ilaalcha kana keessatti mul'achuu ni danda'a. Iddoon itti YHWH itti beekamuu qabu ture iddoo Waaqeffannaa fi mul'ataa hin turre ture” Aaruu mataa isaatiin cubbuu miti! Ibsii Phaawuloos Efe. 4:26 gochaa kanaan walitti firoomu ni danda'a. Wantoonni tokko tokko kan nu aarsuu qaban ni jiru.

2:16 “kana keessaa gad baafadhaa!” Inni kun AORIS ACTIVE IMPERATIVE xiyyeeffannaa guddaan itti kennameedha,

▣ **“Mana Abbaa kootiis mana bittaa gurgurtaa hin godhinaa!”** Inni kun PRESENT IMPERATIVE paartiiklii negaatiivii qabu isa hiika gochaa durseetumaa adeemsa irra jiruu dhaabuuti. Wangeelonni kan biroo (i.e. Mat. 21:13; Mar. 11:17; Luq. 19:46) qabxii kana irratti Isa. 56:7 fi Er. 7:11 huqqisu, haa ta'u malee Wangeela Yohaannis keessatti raajiiwwan Kakuu Moofaakunnii hin eeramne. Inni kun tarii eeramuu raajii Masihummaa Zek. 14:21ff ta'uu ni danda'a.

2:17 “bartoonni Isaa...yaadatan” Ibsi kun sirumaayyuu ifa hojii/tajaajila Yesuus keessattii fi gargaarsa hafuurichaa keessatti, namoonni kunniin dhugaawwan hafuura gochaawwan Yesuus booddeerra qofaa arguu isaanii ni ibsa (cf. W22; 12:16; 14:26).

▣ **“isa caafame”** Inni kun PERFECT PASSIVE PERIPHASTIC isa jechaa fi jechatti “isa caafame bakka bu'a” jedhuudha. Inni karaa amalaa dadammaqiinsa Kakuu Moofaahiikaneessuuf gargaaru ture (cf. 6:31,45; 10:34; 12:14; 20:30). Inni kun luqqisa Far. 69:9 LXX keessaati. Faarsaan kun akkuma Faarsaa 22 fannifamuu Yesuus wajjin walitti mijaa'a. Fedhii olaanaan Yesuus Waaqayyooti Waaqeffamuun isaa inni dhugaan, gara du'a Isaatti ni geessa, innis fedha Waaqayyoot ture (cf. Isa. 53:4,10; Luq. 22:22; HoE 2:23; 3:18; 4:28).

2:18

NASB

“waan ittiinkana gochuu dandeessu mul'isuudhaaf, milikkita maalii nu argisiifta?”

NKJV “maal milikkita nu agarsiifta hojii kana gochuu keetiin”
NRSV “kana gochuu keetiin milikkita maaliit nu argisiista?”
TEV “waan kana gochuudhaaf mirga qabdu nutti agarsiisuudhaaf dinqii akkamii gochuu dandeessa”
NJB “akka waan kanaatti gochuu akka qabdu milikkita maaliit nu agarsiisuu dandeessa”

Inni kun gaaffii giddu galeessa warri Yihudootaa Yesuus ilaalchisee kaasaa turani. Warri Fariisotaa humni Isaa seexana irraa akka dhufetti himani 9cf. 8:48-49,52; 10:20). Isaan Masihicha wantoota tokko tokko karaa tokko tokkoon akka hojjetuuf eegaa turani. Yommuu Inni gochaawwan addaa kanneen hin godhin hafetti, isaan waa'ee Isaa dinqamuu jalqabanii turani (cf. Mar. 11:28; Luq. 20:2), akka Uma Yohaannis cuuphaaniyyuu godhe.

2:10 “Mana quqlullummaa kana jigsaa! Ani immoo guyyaa saditti deebisee isa nana hdaaba” Jechi Giriikii Mana quqlullummaa (heiron) ww. 14 fi 15 keessaa naannawa Mana qulqullummaa ni eera; akkuma jechi (naos) ww. 19,20 fi 21 keessatti keessa mana qulqullummaa mataa isaa eeru. Ibsa kana ilaalchisee maareewwan danuun taasifamaa turaniiru. Ifumaan ifatti Mat. 26:60 ff; Mar. 14:57-59, HoE 6:14 keessatti inni kun fannifamuu fi du'aa ka'uu Yesuusiif ragaadha. Haa ta'u malee, dubbisa kana keessatti, hamma ta'een mana qulqullummaa mataa isaa bara 70 DKB Titoodhaan diigamee wajjin walitti firoomu qaba (cf. Mat. 24:1-2) Ibsooni kunniin lamaanuu dhugaa isa Yesuus Waaqeffannaa hafuura haaraa Isuma mataa Isaa irratti xiyyeeffatee dhugaa ta'ee fi amantii Yihudootaa warra duriirratti hin taane irratti qindeessaa kan ture wajjin walitti nu dhufu (cf. 4:21-24). Irra deebi'ees, Yohaannis jecha tokko hiika lama keessatti itti waa'ee ba'e!

2:20 “Mana Qulqullummaa kana ijaaruun isaa waggaa afurtamii ja'a fudhate” Herood Guddichi nama Idumiyaan ta'uu isaatiif warra Yihudootaa tasgabbeessuuf carraaquuf mana qulqullummaa lammaffaa (bara Zarubaabel irra, cf. Haagee balbal'isee akkasumas haaressee ture. Yoseefas (Josephus) isa inni sun bara 20 ykn 19 DKD jalqabamee akka ture nutti ni hima. Inni kun sirrii yoo ta'e san jechuun gochaan adda ta'e kun waggaa 27-28 DKB keessatti mul'atee ture jechuudha. Dabalataanis hojichi mana qulqullummaa irratti hamma DKB 64tti akka ture ni beekna. Manni qulqullichaa abdii guddaa warra Yihudootaa ta'ee tureyyu (cf. Er. 7). Yesuus Mataa Isaatiin, Mana Qulqullummaa haaraan, kan geeddaramu ni ta'a. 1:14 keessatti, Inni fakkii godoo yoo nutti argisiisu amma immoo Mana qulqullummaa nutti argisiisa. Muka soofaa Naazireetirraa dhufeef bakka buusota akkam nama sodaachisanuu Waaqayyoo fi dhalli namaa kunoo amma Yesuusiin wal ga'anii michoomu!

2:21 “garuu waa'ee mana qulqullummaa yommuu dubbate waa'ee dhagna ofii Isaa dubbachuu Isaati” Yeroo Yesuus jechoota kanneen dubbatetti bartoonni isa kana hin qalbefanne ture. (cf. w. 17). Yohaannis waggoottan kurnan booddee barreessaa jiraachuu isaa yaadadhaa! Yesuus maaliif akka Inni dhufe ni beeke. Xinnaatee xinnaatu kaayyoon sadi'i kan jiru fakkaata.

1. Waaqayyoon mul'isuuf
 2. Namooma dhugaatiif fakkeenya ta'uuf
 3. Namoota danuu hidhamanii jiran gadhiisisuuf lubbuu Isaa kennuuf
- Inni waraabbiin kun argisiisaa jiru kaayyoo isa dhumaa kanadha (cf. Mar. 10:45; Yoh. 12:23,27; 13:1-3; 17:1).

2:22 “bartoonni Isaa... waa'ee isa kanaaf dubbachuu Isaa yaadatan” Jechoonni fi gochaawwan Yesuus yeroo hunda kanneen Inni argisiisaa ture caalaa bu'aa bartoota isaatiif turani. Isaan yeruma hunda yeruma sanatti hin hubatan ture.

☐ **“waan caaffanni jedhe ... ni amani”** Haammamiyyuu dubbisichi ofii isaatiif caaffata kan akka ta'e ibsuu baatullee, Far. 16:10 dubbisa du'aa ka'uu Yesuus waa'ee isaa eeraa jiruudha (cf. HoE 2:25-32; 13:33-35). Dubbisni walfakkaataan kun (ilaalchi ti'oloojii du'aa ka'uu) Yoh. 20:9 keessatti maqaa dhahamee jira.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 2:23-25

23yesuus Inni ayyaana Faasikaatiif Yerusaaalem turetti, namoonni baay'een milikkita Inni godhe arganii isatti ni amana. **24**Inni garuu namoota hundumaa gaarii godhee waan beekuuf, amanee isaanitti of hin dhiifne. Inni ofii isaatii garaa namaa keessa kan jiru waan beekuuf, kan biraa dhufee waa'ee nama tokko isatti himuu hin barbaachifne.

2:23 “namoonni baay'een ... anatti ni aman” Jechi “aman” jedhu jecha Giriikii (pisteo) isa dabalataanis “amanuu” “amantii” ykn “abdachuu”tti hiikamuu danda'amu irraayi. Maqaan Wangeela Yohaannis keessatti hin mul'atu, GOCHIMNI garuu yeruma hunda faayidaarra oola. Dubbisa kana keessatti Yesuus nama Naazireet akka Masihicha isa sirriitti fudhachuudhaaf macca keessatti mamiitu jira. Fakkeenyooni kan biroo itti fayyadama gad fagoo hin taane jecha “amanuu” kanaa Yoh. 8:31-59 fi HoE 8:13, 18-24 keessa jiru. Amantiin dhugaa Macaafa quqlulluu deebii jalqabaa irra kan caaluudha. Inni duuka buutummaadhaan hordofamuu qaba (cf. Mat. 13:20-22, 31-32).

Ifumatti amantoonni addaa kunniin dinqii Isaatiin Yesuusitti harkifamanii turani (cf. 2:11; 7:3). Kaayyoon isaanii namoomaa fi hojii Yesuus mirkaneessuu ture. Haa ta'u malee amantiin hojiiwwan Waaqummaa keessaa Yesuus gonkumaa

quubsa akka hin turre, amanuuniis akka itti hin fufne yaadatamuu qaba (cf. 4:38; 20:29). Abbaandhimmaa amantii Yesuus ta'uu qaba (cf. 20, 30-31). dinqiiwwan mallattoo Waaqayyoo ofumaan hojjetanii miti (cf. Mat. 24:24; Mul. 13:13; 16:14; 19:20). Hojiiwwan Waaqayyoo namoo Isatti amanuutti geessuuf jechuuf (cf. 2:23; 6:14; 7:31; 10:42). Namoonni yeruma hundaa mallattoowwan ni argu ture, garuu immoo amanuuf ni didu ture (cf. 6:27; 11:47; 2:37).

MATA DUREE ADDAA: FAAYIDAA GOCHIMA “AMANUU” (MAQAA yeroo hunda kan dhufuu miti

Yohaannis jalqabarra “amanuu” maxxantuu wajjin walitti dabala.

1. *eis* jechuun “itti” jechuudha. Ijaarsi adda ta’e kun mantoonni akka abdi isaanii/amantii isanii Yesuusitti godhan xiyyeeffannaa kenna.
 - a. Maqaa Isaatii (Yoh. 1:12; 2:23; 3:18; 1Yoh. 5:13)
 - b. Isatti (Yoh. 2:11; 3:15, 18; 4:39; 6:40; 7:5, 31, 39, 48; 8:30; 9:30; 10:42; 11:45, 48; 12:37, 42)
 - c. Anatti (Yoh. 6:35; 7:38; 11:25, 26; 12:44, 46; 14:1, 12; 16:9; 17:20)
 - d. Isa Inni ergetti (Yoh. 6:28-29)
 - e. Ilmatti (Yoh. 3:36; 9:35; 1Yoh. 5:10)
 - f. Yesuusitti (Yoh. 12:11)
 - g. Ifatti (Yoh. 12:36)
 - h. Waaqayyotti (Yoh. 12:44; 14:1)
2. *er* jechuuni akka Yoh. 3:15 (Mar. 1:15) “itti” jechuudha.
3. DATIVE CASE FIROOMEE homaatu hin qabne (Yoh. 4:50; 1Yoh. 3:23; 5:10)
4. *hoit*, jechuunis “isa sana amani” akka wanta amanuutti qabiyyee ni kenna. Fakkeenya onni tokko tokko
 - a. Yesuus Isa tokkicha Waaqayyoo quqlulluudha (6:69)
 - b. Yesuus Inni Anaadha (8:24)
 - c. Yesuus Abbaa keessaa Abbaa Isa keessaa (10:38)
 - d. Yesuus Kiristoosidha (11:27; 20:31)
 - e. Yesuus Ilma Waaqayyooti (11:27; 20:31)
 - f. Yesuus Abbaadhaan ergame (11:42; 17:8,21)
 - g. Yesuus Isa Abbaa bira turedha (14:10-11)
 - h. Yesuus Abbaa biraa dhufe (16:27, 30)
 - i. Yesuus maqaa Kakuu Abbaa, “Ani Isaa”n ofii Isa aibse (8:24; 13:19)

Amantiin Macaafa Qulqulluu namaanis ergaanisidha. Inni abboomamuu, jaalalaa fi hojjechuu itti fufuudhaan ragaa ta’eera.

2:24-25 Inni kun Giriikidhaan him atokko. Jechi adda ta’e “immaanaa”n (lit. IMPERFECT ACITIVE INDICATIVE “amanuu” ganame gochaawwaniifi ilaalchota Yesuus ibsuudhaaf dubbisa kana keessatti faayidaarra oole. San jechuunis waliigaltee jalqabaa ykn deebii miira jabaa caala jechuudha. Himichi dabalataanis beekumse Yesuus jijjiiramaa fi jal’ummaa garaa dhala namaa ni mirkaneessa (beekumsa Waaqayyoo ni calaqqisiisa, cf. Uma. 6:11-12; 13; Far. 14:1-3). Keeyyatichi, Niqodimoosiin boqonnaa 3 keessatti ibsamee jira. Sirumaayyuu “Obboo abbaa amantiyyuu” carraaqqii isaatiin, beekumsa isaatiin ejjannoo isaatiin ykn qaccee maatii Waaqayyoon kan fudhatame ta’uuf danda’uu hin dandeenye ture. Qajeellummana karaa amantii/abdi/ amanannaa Yesuus keessaan duwwaa dhufa (cf. Rom. 1:16-17:4).

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yesuus maaliif ture kan bishaan daadhii wayiniitti jijjiireefi? Fakkeenya maaliit ta’a ture?
2. Aadaa cidha warra Yihudootaa bara Yesuus ibsaa
3. Pilaanii diinqa/dabrii mana quqlullummaa Heerood kaasuu dandeessuu? Iddoo bittoonni yookiin gurgurtoonni itti argamuu danda’an argisiisuu dandeessuu?
4. Wangeeloonni walfakkaatan quqlullummaa mana qulqullummaa isa jalqabaa kan akan hin galmeessineef maaliifii?
5. Yesuus diigamuu mana qulqullummaa Herood raagee ture?
6. Jecha Giriikii isa “abdachuu”, “amanuu” fi “amantii”tti hiikame tarreessaatii ibsaa.

YOHAANNIS 3

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yesuusii fi Niqodimos	Dhaloota Haaraa	Yesuusii fi dursitoota Amantii Yihudii		Haasaa Niqodimos wajjin godhame
3:1-15	3:1-21	3:1-10	3:1-2 3:3 3:4 3:5-8 3:9 3:10-13	3:1-8 3:9-21
3:16-21		3:11-15 3:16 3:17-21	3:14-17 3:18-21	
Yesuusii fi Yohaannis cuuphaa	Yohaannis cuuphaan Kiristoosiin ol ol qaba	Dhuga ba'uumsa Yohaannis dabalataa	Yesuusii fi Yohaannis	Yohannis yeroo jalqabaatiif dhuga ba'uumsa ni qabata
3:22-30	3:22-36	3:22-24 3:25-30 3:31-36	3:22-24 3:25-26 3:27-30	3:22-24 3:25-36
Inni Isa Waaqarraa dhufu			Inni Isa Waaqarraa dhufu	
3:31-36			3:31-36	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALAA

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 3:1-3

¹Fariisota keessa, anmni Niqodimos jedhamu tokko ture; inni dura buutuu Yihudootaa ture. ²Inni kun halkaniin gara Yesuus dufee, “Rabbii akka ati barsiisaa taatee Waaqayyo biraa dhufte nuyi beekna, homtinuu yoo Waaqayyo isaa wajin jiraate malee milikkita ati argisiiftu kana, danda’ee hin argisiisu” ittiin jedhe. ³Yesuus “Dhuguma, dhuguman sitti hima eenyu illee olii yoo dhalachuudhaa baatee, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda’u” jedhee deebiseef.

3:1 “Fariisota” Hiddi waldaa siyaasaa/amantii kanaa gara bara Maaqbeyaanotaatti deebi’a. Maqaan isaanii “warra adda ba’an” jechuu ta’uu ni danda’a. Isaan seera Waaqayyoo akka aadaa affoolaa (Talumd) keessatti ibsamanitti eeguuf warra amanamootaa fi carraaqii taasiisan turan. Akkuma har’aa muraasni isaanii dhugumaan saba kakuu turani (Niqodimos Yoseef Armaatehaa) muraasni isaanii of qajeeltota fakkeessitoota, seena irratti cichitoota, warra firdii guddisan, saba “ifaa” turani (cf. Isa 6:9-10, 29:13). Garaan waan ijooti. “Kakuu Haaraan” (Er. 31:31-34) dadammaqiinsa keessaa irratti xiyyeeffata (innis, garaa haaraa, sammuu haaraa, seera onnee irratti katabame). Dandeettiin namaa ga’aa kan hin taane ta’ee mul’ateera, akkuma yeroo hunda ta’utti. Kittaamuun garaa Ba’u 10:16; 30:6 abdii/amantii dhuunfaa abboomamuu fi jireenya galataa keessatti akka beekamu godhuuf bakka buusa!

Kunuunsii fi bilisa gochuuf yaaluun amantii keessaa wantoota nama jibbisiisan ta’uu ni danda’a. Ti’oolojiin jaalalaa fi amantiidhaan akka beekamu ta’uu qaba. Mata duree Addaa Farsiisootaa 1:24 irratti ilaali.

▣ **“Niqodimoos”** Filisxeem keessatti nama Yihudii tokkoof maqaan Giriikii ba’uun waan nama dinqudha, (akkuma Filiphosii fi Andiriyaas, cf. 1:40,43). San jechuunis “injifata namoota” jechuudha (cf. 7:50; 19:39).



NASB, NKJV,	“dura buutuu Yihudootaa”
NRSV, NJB	“angafa Yihudootaa”
TEV	“dursaa Yihudii”

Dubbisa kana keessatti, inni kun miseensota Saanhedriiniif (dubbisa kan biraa keessatti dursaa mana sagadaa naannoo jedhamee hiikamuu ni danda’a) gaalee teeknikaa miseensota torbaatama mana murtii olaanaa saba Yihudii Yerusaleem keessaati. Aangoon isaa hamma ta’een Warra Roomaatiin kan daangeeffame tureera, garuu ammayyuu inni saba Yihudiitiif fakkeenya hiika guddaa qaba ture. Mata duree Addaa armaan gadii ilaali.

Inni kan fakkaatu Yohaannis Niqodimoos akka bakka bu’aa Amantii Yihudii Ortodoksii jaarraa tokkoffaatti fayyadamuu danda’a. Kanneen hafuuraan kan tuqaman isaanitti fakkaatu akka deddeebisanii argachuu qaban itti ni himama ture. Yesuusitti amanuun, dursiitootaaf deeggartummaa (kan biraa haa hafuutii dura buutonni karaa gaariidhaan bulchamu, cf. Qol. 2:16-23) ykn seenaa dudduubaa sanyii (cf. 8:31-59), lammummaa nama tokkoo

Mootumaa Waaqayyoo keessatti murteessuu miti. Kennaan Waaqayyoo Kiristoos keessaa, amanamaa miti, amantummaan nama dubbii jaal'atuu kan Waaqummaa fudhatama qabuuf balbala miti. Akka barsiisaa Waaqayyoo biraa dhufetti Yesuusiif beekantummaa kennuun Niqodimoos, dhugaa rakkisaan ga'aa hin turre. Abdannaan dhuunfaa abdannaan adda ta'e, abdiin dhuma hin qabne Yesuus akka Masihichaatti godhamu abdii dhala namaa kufee qofaati (cf. 1:12).

MATA DUREE ADDAA: THE SANHEDRIN

I. Burqaa Odeeffannoo

A. Kakuu haaraa mataa isaa

B. Kan Filaariyos Joseefas kan ta'e Antiquities of the jews,

C. Kutaa Mishnah Talmud/The Mishnas section of the Talmud (i.e Tractae "Sanhedrin")

Akka carraa ta'ee Kakuu Haaraa fi Josephus barreeffamoota barsiisummaa/rabbinical isa waa'ee Sanherinoota lamaan Yerusaaalem keessaa cimsee kan dubbatu kan fakkaatu, akka lubaa kan fakkaatu tokko, (i.e Saduqoota), Hangafa Lubaatiin kan too'atamuu fi seera yakkaatiifi hawaasummaatiin hojjetu akkasumas inni lammaffaan Fariisotaa fi barreessitoota kanneen waa'ee amantii fi dhimmoota aadaatiif dhimmamaniin kan to'atamu irratti walii hin galani. Haa ta'u malee, barreessiitoonni seeraa A.D 200 kaasanii guyyaa ni barreessu akkasumas immoo waliigala Roomaatiif kufaati Yerusaaaleemii booddee haalota aadaa ni calaqqisiisu, Titus, A.D 70 keessatti. Warri Yihudootaa jireenya amantii isaanii magaalaa Jamnia jedhamtutti deebisanii dhaabanii booddeerra (i.e. A.D 118) gara Galiilaatti sochoosani.

II. Hiika isaa

Rakkinichi dhagna Yihudummaa ibsu kan ittiin beekamu kun maqaa adda addaa of keessatti ni hammata. Qaamoota Yihudummaa hawaasa Yihudootaa Yerusaaalem keessa jiran keessaa ibsuudhaaf jechoota danuutu jira.

A. *Gerousia* – “Caffee seera tumu” yoking “mana mare”. Inni kun jecha baay'ee turu dhuma bara Parshaanotaa ilaalchisee kan faayidaarra oole ture (cf. Antiquities Josephus 12.3.3 fi 2 Maccabees 11:27). Inni haaluma walfakkaatuun “Sanhadrin wajjin walqabatee HoE 5:21 keessatti Luasiin faayidaarra ooleera. Inni tarii namoota afaan Giriikii dubbisaniif karaa itti ibsan ta'uu ni mala (cf. Macc. 12:35).

B. *Syndrion* – “Sanhedrin” Inni kun walitti makama syn (walii wajjin) fi hedra (iddoo taa'umsaa)ti. Haala nama dinguun jechi kun kan faayidaarra oole Afaan Aramaayikii keessatti, garuu immoo jecha Giriikii ni calaqqisiisa. Dhuma bara warra Maaqbeenotaa irratti inni kun jecha mana murtii olaanaa Yihudootaa Yerusaaaleem keessaa muudama kennuuf fudhatama kan argate ta'ee ture (cf. Mat. 26:59; Mar. 15:1; Luq. 22:66; Yoh. 11:47, HoE 5:21). Rakkinichi kan dhufu yeroo jechi wal fakkaatu mana marii seera Yerusaaaleemiin keessa hin taane biratti faayidaarra ooluudha (cf. Mat. 5:22; 10:17).

C. *Presbyterion* – “mana mare maanguddootaa” (cf. Luq. 22:66). Inni kun muudama kennu dursitoota maanguddoota gosootaa Kakuu Moofaadha. Haa ta'u malee, inni mana mare ol'aanaa Yerusaaaleem keessaa eeruuf gargaare (cf. HoE 22:5).

D. *Bolē* – Jechi “manni mare” kun Josephusin (san jechuunis; Waraanota 2.16.2; 5.4.2, garuu immoo Kakuu Haaraa keessatti miti) qaamotii murtii danuu (1) mana mare Roomaa keessaa (2) mana murtii naannoo Roomaa; (3) mana murtii ol'aanaa Yihudootaa Yerusaaalem keessaa; fi (4) mana murtii naannoo Yihudootaa ibsuudhaaf faayidaarra oole. Yoseef Arimathea haluma jecha kanaatiin akka miseensa Sanhedrin itti ibsame (san jechuunis, bouleute's, hiikni isaas “miseensa caffee” cf. Mar. 15:43; Luq. 23:50).

III. Dagaagina Seenaa

Bara bittaatiin keessatti booddee (post exilic period) isa Sanderin bara Yesuus kan ta'uu qabu fakkaatu sirriidhumatti Izraam Mana Sagadaa Guddaa akka sirreessuuf dubbatameefi ture (Targam Weeduu Weeduu Caaluu 6:1)

A. Mishnah (san jechuunis, Talmud) Yerusalem keessa manneenmurtii gurguddoon lama akka jiran ni galmeessa (cf. Sanh. 7:1).

1. Tokko miseensota 70 (ykn 71)n hojjetame (Sand. 1:6 sirumaayyuu Muuseen Sanhedrinii

- jalqabaa Lakk. 11, cf. Luq. 11:16-25 keessatti akka dhaabe ni ibsa.
2. Ini tokko miseentaa 23n hojjetame (inni kun garuu manneen murtii mana sagadaa naannoo eeruu ni mala.
 3. Beektoonni Yihudootaa tokko tokko Yerusaaalem keessatti Sanhedrin niin sadi'a kan miseensota 23 qaban akka turan ni amanu. Sadanuu yommuu walitti makaman, dursitoota lamaa wajjin "Sahedrin Guddaa" miseensota 71 kan qabu ni ta'e (innis, Nsi fi Av Ben Din).
 - a. Tokko karaa lubummaatiin (innis, Saaduqoota)
 - b. Tokko seeraan (innis Fariisoota)
 - c. Tokko namoota gita ol'aanaa (inni, maanguddoota)
- B. Bara bittaa booddee keessatti, sanyiin Daawiit deebi'aa ture Zaruubaabel akkasumas immoo sanyii Aaronic Iyyaasuu ture. Erga du'a Zarubaabelii booddee, sanyiin Daawiit itti hin fufne ture, kanaaf itti gafatamummaa maangudduummaa karaa adda ta'een gara lubootaatti (cf. *Macc.* 12:6) fi maanguddoota naannootti (cf. *Nah.* 2:16; 5:7)
 - C. Shoorri lubummaa murtii firdii keessaa kun yeroo bara Hellenistic itti Diodorusn 40:3:4-5 keessatti galmeeffameera.
 - D. Shoorri lubummaa mootummaa keessaa kun bara yeroo Selucid itti fufee ture Josephus Anti'ochus "isa guddaa" III (223-1870 KD) *Antiquities* 12.138-142 keessatti ni eera.
 - E. Akka *Antiquities* Josephus 13.10.5-6; 13.5.5 itti aangoon shoora lubummaa kun yeroo bara Maaqbeenotaa itti fufee ture.
 - F. Bara bittaa Roomaatitti bulchaan Syria (innis Gabinius 34-55 DKD) "Sanhedrinnotaa" naannoo shan hundeessee ture (cf. *Antiquities* Josephus 14.5.5; fi Wars 1.8.5), garuu immoo inni kun booddee warra Roomaatiin seerri isaa haqamee ture (innis, 47 DKD).
 - G. Sanhedrin fuullee Heerood (innis, *Antiquities* 14.9.3-5) isa DKD bara 37 keessa haaloo ba'ee fi abbootii firdii hangafoota irra jireenya isaanii ajjeefamaniin (cf. *Antiquities* Josephus 14.9.4; 5.1.2) wajjin walitti bu'iinsa siyaasaa fuullee ni qaba ture.
 - H. Abbootii aangoon Roomaa jalatti (inni ilaalcha Sanhedrin lammata humna ilaalcha keessa galuu danda'uu fi dhiibbaa geessisu argachuu isaa (cf. *Marq.* 14:55) Josephus nutti ni hima (cf. *Antiquities* 20.200,251) Kakuu Haaraa keessatti iddoo maatii Luboota Hangafootaa jala tureetti, seera haaqaa hojiirra oolchutti qorannoowwan raga sadi'I galmeeffaman ni jiru.
 1. Qorannoo ragaa Yesuus (cf. 14:53-15:1; *Yoh.* 18:12-23, 28-32)
 2. Pheexiroosii fi Yohaannis (cf. *HoE* 4:3-6)
 3. Phaawulos (cf. *HoE* 22:25-30)
 - I. Yommuu Yihudoonni AD 66 keessa fincilanii turanitti, Warri Roomaa A.D 70 keessa hawaasa Yihudootaatiifi Yerusaaalem boodarra ni barbadeessani. Hammamiyyuu Fariisonni Jamnia mana murtii olaanaa (inni, Beth Din) jireenya mantii Yihudootaatti (garuu immoo kan siviiliis kan siyaasaas miti) deebisanii fiduuf yaalanillee, Sanhedrin dhaabbatumaan dhaabbatee ture.
- IV. Miseensummaa
- A. Eeruun mana murtii ol'aanaa Yerusaaalem keessaa kan Macaafa Quqlulluu 2Sen. 19:8-11dha. Inni sun kan hojjetame (1) Lewotaan (2) lubootaa fi (3) dursiitoota maatii (i.e maanguddoota, cf. *Macc.* 14:20; II *Macc* 4:44) ture.
 - B. Bara yeroo Maaqbeenotaatti inni sun (1) maatii lubootaa Farsiisotaa fi (2) namoota gita ol'aanaa naannoo sanaatiin too'atamee ture (cf. *IMacc.* 7:33; 11:23; 14:28). Booddeerra yeroo kanatti "barreessitoonni" (beektoonni seera Muusee, yeroo baay'ee Fariisoota) ifumaan ifatti haadha manaa Aleeksandar Jaannaa'e'us Salomeedhaan (76-67 DKD) itti makamarii turani. Isheen sirummaayyuu gartuuwwan Farsiisotaa aangoon caalu qaban gochuuf akka turte dubbatamaaffii ture. (cf. Josephus Wars of jews 1.5.2).
 - C. Bara Yesuusitti manni murtii
 1. Maatii Hangafoota lubootaatiin
 2. Namoota maatii soressootaa naannoo sanaatiin
 3. Barreessitootaan (cf. 11:27; Luq. 19:47) hojjeta ture.
- V. Maddoota Gorfaman
- A. Dictionar of Jesus and the Gospels, IVP, pp 728-732
 - B. The Zonder Van Pictorial Encyclopedia of the Bible, Vol. 5 pp 268-273
 - C. The New Scraff – Herzog Encyclopedia of Religious Knowledge, Vol. 10 pp. 203-204

3:2 “halkaniin” Barsiisonni amantii Yihudaa seera barachuudhaaf yeroo gaariin halkan akka ta’e ni dubbatu, sababiin isaas wanti nama jeequ homtinuu hin jiru waan ta’eef. Niqoodimoos, Yesuus wajjin mul’achuu hin barbaanne ture ta’uu danda’a, kanaaf inii (fi tarii namoonni isaa wajjin turanis ta’uu danda’aa) gara Isaatti halkan dhufani.

Namni kamiyyuu yeruma hunda barreeffamoota Yohaannis keessatti akkamittiin hiiktonni hiika dachaa akka yaaduu qaban ni dinqisiifata. Yohaannis akka nama ququlleessaa wal bira qabamuu ibsaa fi dukkanaatti fakkeeffama (NET Bible P 1898.#sn).

▣ **“Rabbii”** Wangeela Yohaannis keessatti is akanajechuun “barsiisa” jechuudha (cf. 1:38, 4:31; Marq. 9:5; 11:21). Wanti dura buutota warra Yihudootaatti faallaa ta’e keessaa tokko Yesuus manneen baruumsaa ti’oolojii barsiisummaa tokkoyyuu keessatti hin baratiin hafuu isaati. Inni qo’annoo mana sagadaa naannoo Naazireetiitiin booddee qo’annoo Talmudii hin qabu ture.

▣ **“Waaqayyo biraa dhufte”** Gaaleen kan hima sana keessatti xiyyeeffannaa kennuuf jalqaba kaa’ame. Inni kun raajii Kes. 18:15, 18 eeruu ni danda’a. Niqodimoos humna hojii fi dubbii Yesuus hubatee ture, garuu immoo isa kana jechuun inni karaa hafuuraatiin Waaqayyoo wajjin jira jechuu miti.

▣ **“Waaqayyo isaa wajjin jiraate malee”** Inni kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE san jechuunis dhugaa humna qabu jechuudha.

3:3,5,11 “Dhuguma, dhuguma” Inni kun jechuumaafi jechatti “Ameen, ameen” dha. Inni jecha Kakuu Moofaa “amantii” irraay fudhatame. Inni hundee “kan mirkanaa’e” ykn “kan sirrii ta’e” irraa argame. Yesuus ibsootaaf seensa gochuudhaaf dhimma itti ba’e. Inni dabalataanis booddeerratti akka karaa mirkaneeffannaa ibsoota dhugaadhana guutamaniitti faayidaarra oolee ture. Jalqabarra yeroo lama lama, ta’uun Wangeela Yohaannis keessatti waan adda ta’eedha. Irra deddeebiin jecha “amantii” kunniin waltajjii walitti haasaa Yesuusii fi Niqodimoos gidduutti ta’e ni ibsa. Mata duree Addaa Ameenii 1:51 irratti ilaalaa.

▣

NASB,NKJV,

TEV

“lammaffaa dhalachuu”

NRSV NJB

“olii dhalachuu”

Inni kun AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE dha. Jechi (*anōthen*) jechuun

1. “fooniin yeroo lammaffaa dhalachuu”

2. “jalqabumarraa dhalachuu” (cf. HoE 26:4)

3. “olii dhalachuu” isa dubbisa kanaa wajjin wal simatu (cf. 3:7,31; 19:11) jechuu ni danda’a.

Inni kun fakkeenya itti fayyadama jechoota kanneen hiika lama qabanii Yohaannis kan biroo ta’uus ni danda’a. lamaniyyuu dhugaadha (cf. Bauer, Arndt, Gengrich and Danker’s A Greek English Lexicon of the New Testament, p. 77). Akkuma w. 4 irraa ifa ta’eetti, Niqodimoos akka filannoo #1tti isa hubate. Phaawuloos yommuu jecha madaquu (guddifannaa) fayyadama Yohaannisii fi Phexiroos (cf. 1Phex. 1:23) fayyinaaf bakka busa beekamaa kana ni fayyadamu. Xiyyeeffannichii gochaawwan Abbaa ilma argachuu irratti (cf. 1:13). Fayyinni kennaa fi gochaa Waaqayyooti (cf. 1:12-13, Rom. 3:21-24; 6:23; Efe. 2:8-9).

▣ **“arguu hin danda’u”** Gaaleen ciigoo kun gaalee w. 5 keessaa “galuu hin dnda’u” jedhu wajjin wal bira qabame.

▣ **“mootummaa Waaqayyoo”** Gaaleen kun Wangeela Yohaannis keessatti si’uma lama ofa waa’ee baase (cf. w.5). Inni kun Wangeela walfakkaatan keessatti akka gaalee ijooti. Lallaboonni jalqabaa fi dhumaa Yesuus akkasumas fakkeenyoorni Isaa irra jireenyi, mata duree kana wajjin waliigalu. Inni bulchiinsa/mootummaa Waaayyoo garaa namaa keessaa kan amma ni eera! Yohaannis gaalee kana si’a lama qofaa itti fayyadamuun isaa (akkasumas fakkeenyota Yesuus keessatti gonkumaa itit hin fayyadamin dhisuun isaa) waan nama dinguudha. Mata duree Addaa armaan gadii ilaalaa. Wangeela Yohaannisiiif “jireenyi bara baraa” jechaa fi bakka buusa ijoo tokkodha.

Gaalichi amantii ti’oolojii waa’ee du’aa fi firdii dhimmamu (yeroo xumuraa) barsiisota Yesuus wajjin walitti dhufeenya ni qaba. Inni kun “dursetuma, garuu immoo siichi kan hin taane” ti’oolojii dhugaa ta’e ilaalchota

warra Yihudootaa bara lamaa, bara hamaa yeroo ammaa kanaa fi bara tolaa dhufuuf jiru isa Masihichaan jalqabamu wajjin walitti firooma. Yihudoonni dhufaatii dura bu'aa waraanaa isa Hafuuraan humna argate tokko egan ture (akkuma abbootii Firdii Kakuu Moofaakeessaa). Dhufaatiiwaan Yesuus lamaanuu wal golguu barootan lamaanii uume. Mootummaan Waaqayyoo gara seenaa nama foon uwwifame Betalheemitti cite. Haa ta'u malee, Yesuus akka ajajaa waraanaa Mul'ata 19 hin dhufne, akka hojjetaa Gidiramuutti (Isa. 53) fi akka dura bu'aa (cf. Zak. 9:9) malee Mootummaan Waaqayyoo sababuma kanaaniis ni beeksifame 9cf. Mat. 3:2; 4:17; 10:7; 11:12; 12:28; Mar. 1:15; Luq. 9:9,11; 11:20; 21:31-32) malee faayidaarra hin oolle (hin dhufne) ture (cf. Mat. 6:10; 16:28; 26:64).

Amantoonni barootan lamaan kana keessa gidduu dhiphinaan jiraatu. Isaan jireenya dhagna du'aa ka'umsa argtuu ni qabu, garuu immoo ammayyuu fooniin du'aa jiru. Isaan humna cubbuutirraa walaba kan ba'aniidha, garuu immoo ammayyuu cubbuu ni hojjetu. Isaan dhiphina waa'ee du'aa fi firdii dursee turee fi siichii keessa jiraatu!

Ibsi waa'ee dhiphina isa dursee turee fi siichii Yohaannis keessaa ibsuuf gargaaru *kitaaba New Testament Theology*, Frank Stagg keessatti ni argama:

“Wangeelli, Yohaannis waa'ee fuulduratti dhufuuf jiru irratti ni xiyyeeffata (14:3,18 f, 28; 16:16:22) akkasumas “bara dhumaatti” isa ta'u waa'ee du'aa ka'uu fi firdii ifumaan ifatti ni dubbata (5:28 f, 6:39 f 44,54; 11:24; 12:48); ta'ullee guutummaa Wangeela Afraffaa kana keessatti, jireenyi bara baraa, firdiinii fi du'aa ka'uumsa argachuun dhugaawwan bakka bu'u (3:18f; 4:23; 5:25; 6:54; 11:23ff; 12:28,31; 13:31f; 14:17; 17:26)” (f311).

MATA DUREE ADDAA: MOTUMMAA WAAQAYYOO

Kakuu Moofaa keessatti YHWH akka Mootii Isiraa'elitti (cf. 1Sam. 8:7, Far. 10:16; 24:7-9; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3; Isa. 43:15; 44:4,6) akkasumas immoo Masihichi akka mootii yaadaan jiruutti yaaddamaa turani (cf. Far. 2:6; Isa. 9:6-7; 11:1-5). Beetalheem keessatti (6-4 DKD) Yesuus dhalachuu isatiin Mootummaa Waaqayyoo humna haaraa fi qulqullaa'uu fayyuudhaan (kakuu haaraa, cf. Er. 31:31-34; His. 36:27-36) gara seenaa dhala namaatti ni cite. Yohaannis bartichi dhihaachuu Mootummaa Waaqayyoo ni labse (cf. Mat. 3:2, Mar. 1:15). Yesuus ifumaan ifatti motummaa Waaqayyoo Isaa fi barsiisota Isaa keessaan dhihaachuu isaa barsiisee ture (cf. Mat. 16:28; 24:14; 26:29; Mar. 9:1; Luq. 21:31; 22:16,18).

Wangeelota walfakkaatan wal cinaa Maarqosii fi Luqaas keessatti gaalee “Mootummaa Waaqayyoo” jedhu ni argina. Mata dureen barsiisota Yesuus kan walii gala bittaa Waaqayyoo yeroo ammaa kana garaa namaa irratti bitu, isa gaafa tokko lafa guutuu keessatti faayidaarra kan oolu ta'u of keessatti ni hammata ture. Inni kun kedhannaa Yesuus Mat. 6:10 keessaa keessatti calaqqisiifameera. Yommuu Maarqosii fi Luqaas, barreeffamoonni Ormootaaf barreeffaman, karaa waliigalaa, maqaa Waaqummaatti fayyadaman Wangeela Maatewos inni Yihudootaaf barreeffame, gaalee isa maqaa Waaqayyoo hin fayyadamne ture. (Mootummaa Waaqaa).

Inni kun Wangeeloota walfakkaatan keessatti gaalee ijoo “Lallaboonni jalqabaa fi dhuma Yesuus akkasumas fakkeenyoanni Isaa irra jireenyi, mata duree kana wajjin waliigalu. Inni bulchiinsa/mootummaa Waaqayyoo garaa namaa keessaa kan amma ni eera! Yohaannis gaalee kana si'a lama qofaa itti fayyadamuun isaa (akkasumas fakkeenyoota Yesuus keessatti gonkumaa itit hin fayyadamin dhisuun isaa) waan nama dinguudha. Mata duree Addaa armaan gadii ilaalaa. Wangeela Yohaanniisiiif “jireenyi bara baraa” jechaa fi bakka buusa ijoo tokkodha.”

Dhiphinni gaalee kanaa wajjin jiru kan ka'e dhufaatii Kiristoos karaa lamaanii Kakuu Moofaan masihii Waaqayyoo dhufaa jiru qofaa irratti xiyyeeffate dursaa waraanaa kan firdii ulfina abeessa dhufaa jiru garuu immoo Kakuu Haaraan Inni Isa. 53 fi akka mootii nagaa Zak. 9:9 hammeenya fi barri haaraan tolummaa walan dhoksuuf walirra ni bu'ani. Yesuus yeroo ammaa kana garaa mantootaa keessatti bulchaa jira; garuu immoo guyyaa tokko uumamoota hunda irratti ni bita. Inni akkuma isa Kakuu Moofaa keessatti raagameeffitti ni dhufa! Amantoonni mootummaa Waaqayyoo “isa dursee ture” fi “isa siichii” keessa ni jiraatu (cf. Gordon

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 3:4-8

⁴Niqoodemoos immoo “Namni erga qancaree attamitti dhalachuu danda'aa? Gadameessa haadha isaatti lammffaa galee, dhalchuu danda'a moo?” jedhee Yesuusiin gaafate. ⁵Kanaaf Yesuus

“Dhuguman dhuguman sitti hima, eenyu illee bishaanii fi Hafuura Qulqulluuttii yoo dhalachuudhaabaatee, Mootummaa Waaqayyootti galuu hin danda’u. ⁶Namna fooniittii kan dhalate foon, hafuuraattii kan dhalate hafuura. ⁷Olii dhalachuu isiniif ni ta’a siin jechuu kootiif hin dinqifatin. ⁸Qilleensi gara fedhetti ni qilleensa’a, qilleensa’uu isaa ni dhageessa, eessaa akka inni dhufu, eesas akka inni dhaqu garuu hin beektu, eгаа hafuurattii kan dhalate hundinuus akkuma kana” jedhee deebiseef.

3:5 “eenyu illee bishaanii fi Hafuura Quqlulluutti yoo dhalachuudhaabaate” Inni kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE kan biraati. Tarii (barreeffama Yohaannis baay’ee adda ta’an).

1. Foonii fi hafuura (no ARTICLE with “sprit”

2. Kan lafaa fi kan Waaqaa

Gidduu wal bira qabuun jiraachuu ni mala.

Walbira qabuun kun w.6 keessatti ibsameera.

Tiwooriiwwa hiika “bishaan” akka armaan gadiiti.

1. Barsiisonni amantii fi seera Yihudootaa akka mi’oo dhiiraatti itti dhimma ba’u,

2. Bishaan yeroo daa’imni dhalatuu

3. Cuuphaa Yohaannis isa qalbii diddiirrannaaf fakkeenya ta’u (cf. 1:26; 3:33)

4. Hiikni dudduubaa Kakuu Moofaasirna ayyaanaa waan xinnoo Hafuuraan ta’u 9cf. His. 36:25-27)

5. Cuuphaa kiristiyaanaa hammamiyyuu Niqoodimoos karaa sanana hubachuu baatullee, jalqaba Jaastiinii fi Irenaa’eyusin ibsame).

Qabiyyee ti’oorii #3 keessatti cuuphaan bishaanii Yohaannisii fi ibsi Yohaannis waa’ee hafuura Quqlulluutiin cuuphamuu Masihichaa hiika baay’ee ifa ta’e ta’uu qaba. Dhaloonni dubbisicha keessaa, bakka buusaa waan ta’ee finuyis hubannaa Niqoodimoos jechichaaf qabu ture hiikkicha akka hin haguugne gochuu hin qabnu. Kanaaf, ti’oorii #1 tolaa kan hin taaneedha. Hammamiyyuu Niqoodimoos jechoota yesuus akka cuuphaa Kiristiyaanaa booddee eerutti otuu hin hubatiin hafullee Yohaannis Bartichi yeruma hunda ti’oolojii isaa jechoota seena qabeessa Yesuusiitti addaan ni kuta (cf. ww 14-21). Ti’oorii # wantoota lamaan gubbaa fi gadii, bulchiinsa Waaqayyoo fi bulchiinsa lafaa wajjin walitti ni mijaa’a. Jechoota kanniin ibsuudhana namni fedhe isa walbira qabaman (#1 ykn #) ykn kan walii wajjin deeman ta’u (#4) isanaiif kaan nuyi murteessuu ni dandeenya.

D.A. Carson, Exegetical Fallacies, isa jechoonni lamaanuu dhalachuu tokko, du’aa fi firdiif dhalachuu His. 36:25-27, isa Kakuu HaaraaEr. 31:31-34 (f. 42) ibsu filannoo biraa ni eera.

F.F. Bruce, Answers to Questions, dabalataanis jechoota Yesuus Kakuu Moofaadudduubaan akka eeran itti Hisqi’eel keessatti ni ilaala. Inni sirummaayyuu tarii dhiibbaa cuuphamuuf taasifamuu eeruu ni danda’a, isa Niqoodimoos barsiisaa Rabbii ibse, ta’uus qaba! (f.67).

▣ **“Mootummaa Waaqayyoo”** Barreeffamni warra Giriikii durii (innis, MS) fi abbootiin waldootii Kiristiyaanaa baay’een gaalee “mootummaa Waaqayyoo” jedhu isa Wangeela Maatewos keessatti beekamaa ta’e ni qabu. Haa ta’u malee, gaaleen “Mootummaa Waaqayyoo” jedhu w.3 keessatti ni mul’ata (ww. 3 fi 5 iddoowwan Wangeela Yohaannis keessatti gaaleen kun qofaatti itti mul’atuudh). Wangeela Yohaannis, barreeffamni Ormootaaf (akkuma Wangeela Maarqosii fi Wangeela Luqaas) barreeffame, maqaa Waaqayyootiif jechoota wal xaxoo ta’an warra Yidootaatti waa’ee hin bane.

3:6 Inni kun akkasumas wantoota lamaan (olii fi gafii) isa Wangeela Yohaannis keessatti beekamaa ta’edha (cf. w.11).

3:7 **“si... Isin”** Inni jalqabaa LEEEXAA dha, Niqoodimoosinis ni eera, inni lammataa garuu DANEESSAA dha, qajeelfama waliigalaa dhala namaa hundaaf hojiirra oolu ni eera (LEEEXAA irrattii fi DANEESSAA irratti w.11 keessatti tapha walfakkaatu).

Namni ta’e isa kana ibsa warri Yihudootaa sanyii abbootii isanaii amanuuf carraaqanirraa hiikuu ni yaala (cf. 4:12; 8:53). Yohaannis, barreeffamni dhuma jaaraa tokkoffaa irratti barreeffame, ifumaan ifatti barsiisa sabaatiin fi diddaa (anumatu beekaa) sanyii Yihudootaa walii walitti ni bu’a.

▣ **“isiniif ni ta’a”** GOCHIMNI Giriikii die (lit. “inni baay’ee barbaachisaadha” jedhu BAGD 172), PRESENT ACTIVE INDICATIVE) si’a sadii boqonnaa 3 keessatti kan faayidaarra oole (ww, 7,10,30). Inni wantoonni

karoora Waaqayyoo fuulduratti adeemsiisuudhaaf mul'achuu akka qaban agarsiisa 9cf. 4:24; 9:4; 10:16; 12:34; 20:9) akka qaban agarsiisa (cf. 4:24; 9:4; 10:16; 12:34; 20:9).

3:8 Xabni jecha Ibrootaa (fi Aramaayikii fi jecha Giriikii (pneuma) hiikni isaa “qilleensa” hafuura fuunfatamu” fi “hafuura” ta'eerratti haasa'amu ni jira. Qabxichi qilleensichi, akkuma Hafuurichaa akka barbaadetti qilleensa'uuf mirga qabaachuu isaati. Namni tokkollee wanta qilleensichi raawwatu malee qilleensa akkasumas immoo hafuura arguu hin danda'u. Fayyinni dhala namaa too'annaa isaa jalaa miti, to'annoo Hafuura jala malee (cf. Hisqi'eel 34). Ww 5-7s dabalataan dhugaa walfakkaataa kana calaqqisiisuun isaa wanta danda'mu. Fayyinni walitti makamuu kaka'uumsa Hafuura (cf. 6:44,,65) fi gaaffii amantii/qalbii diddiirrannaa tokkoon tokkoo namaati (cf. 1:12, 3:16,18).

Wangeelli Yohaannis addumatti namaa fi hojii Hafuura irratti ni xiyyeeffata (cf. 14:17,25-26; 16:7-15). Inni bara haaraa tolummaa akka bara Hafuura Waaqayyooti ni ilaala.

Waraabbiin 8 dhoksaa namoonni tokko tokko yeroo maaliif wangeela dhagahan/argan akka amananii fi kanneen biroo immoo san hin goone irratti xiyyeeffata. Yohaannis namni tokko Hafuuraan yoo hin xuqamin amanuu akka hin dandeenye cimsee ni dubbata (cf. 1:13; 6:44,65). Waraabbiin kun ti'oolojicha ni jabeessa. Haa ta'u malee, gaaffiindhimma qalbii diddiirrannaa (innis, fudhatama argachuun aarsaa Waaqummaa) ammayyuu Hafuurichi nama kamiyyuuttuu akka bu'u yaaduudha. Namoonni tokko tokko amanuu maaf dididuun dhoksaa guddaa jal'umaati (innis, kufaatii of walteessuu). Guddachaa yoon deemu, caalumatti Macaafa Qulqulluu nan qo'adha, caalumatti saba Waaqayyoo nan tajaajila, caalumatti jireenya ilaalchisee “dhoksaa” nan barreessa. Hundumti keenyayyuu dukkana hurrii (innis, 1Qor. 13:12) fincila dhala namaa keessa jiraanna. Ibsuuf ykn karaa biraatii kaa'uuf danda'uun,ti'oolojii tooftaa qabu guddisuun, akka Kiristoosiin Waaqayyoon amanuutti barbaachisaa miti. Iyyoob gonkumaa “maaliif” jedhamee itti hin himamne ture.

MATA DUREE ADDAA: HAFUURA BAAFACHUU, QILLEENSA, HAFUURA

Jechi Ibrootaa ruach (BDB 924) fi jechi Giriikii pneuma (cf. Yoh. 3:5,8) “hafuura” “hafuura baafachuu” ykn “qilleensa” jechuun hiikamuu ni danda'u (cf. Yoh. 3:5,8). Hafuurichi yeruma hundaa uumama wajjinkan gamtaa'eedha (cf. Uma. 1:2, Iyo. 26:13; Far. 104:29-30; 147:14-18). Kakuu Moofaa walitti dhufeenya Waaqayyoo fi Hafuura gidduu jiru ifatti hin ibsu. Iyo. 28:26-28; Far. 104:24 fi Fak. 3:19; 8:22-23 keessatti Waaqayyoo wantoota hundumaa uumuuf ogummaati (a FIMININE NOUN) waa'ee ni ba'e. Kakuu Haaraa keessatti Yesuus uuma keessatti bakka bu'aa Waaqayyooti jedhame (cf. Yoh. 1:1-3; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15-17; Ibr. 1:2-3). Akkuma qulqulleessuu, akkasumas uumama keessaa dhagnooni sadan Waaqa tokkoo hundi itti himaatanii turani. Uumamni 1 ofii isaatiifuu sababa lammaffaa kamiyyuu irratti xiyyeeffannaa hin kennu.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 3:9-15

⁹Niqoodemos deebisee, “kun attamitti ta'uu danda'a?” jedhee Yesuusiin gaafate. ¹⁰Yesuus deebiseefii “Ati barsiisaa Isiraa'el kan taate, kana hin beektuu? ¹¹Dhuguma dhuguman sitti hima, nuyi isa beeknu ni dubbanna, isa argines dhugaa ni baana; otuma ta'uu iyyuu isin isa nuyi dhugaa baanu hin fudhattan. ¹²Waa'ee isa biyya lafaa isinitti himnaan erga hin amantan ta'ee, waa'ee isa biyya Waaqaa yoon isinitti hime immoo attamitti amantu ree? ¹³Ilma namaa isa Waaqa irraa ga dub'e sana malee, homtinuu gara Waaqaatti ol hin bane. Muuseen lafa onaa keessatti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe, ilmi namaas immoo akkasuma muka irratti ol fuudhamuun ni ta'a. ¹⁵Kunis ilma namaatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf ta'a.”

3:9-10 Niqoodemos ibsaa (1) dhiibbaa cuuphaa amantii Yihduootaatiinii fi (2) lallaba Yohaannis cuuphaatiin jechoota fakkeenya Yesuus hubachuu qaba ture.

Inni kun tarii beekumsa ilma namaa akka hamma barbaadamuu gadi ta'e ibsuuf kan karoorfateedha, kan biraa haa fuutii namumti akka Niqoodemosi, dura bu'aa Isiraa'el iyyuu guutummaan guutuutti wantoota hafuura hin hubanne ture. Wangeelli Yohaannis warra amantii sobaa barsiisaa turan reefu jalqabani, warra mormitoota kanneen fayyinaaf beekumsa nama addeessanii argisiisaniin loluuf barreeffame ture. Gartuuwwan hayyoota otuu hin ta'iin Yesuus qofaatu ifa dhugaadha (cf. lakk. 9).

3:11 “nuyi isa beeknu ni dubbanna” MAQA DHAALLI DANEESSITOONNI kunniin Yesuusii fi Yohaannis Barticha (cf. w.11) ykn Yesuusii fi Abbaa, isa dubbisicha wajjin sirriitti wal simu (w.12) eeruu ni danda’a. Wangeelli tilmaamaa miti, mul’ata waaqummaati malee!

▣ **“isin is anuyi dhugaa baanu hin fudhatani”** Yohaannis yeruma hundaa jecha fudhachuu (*lambanō*) fi walitti makama FIROOMSEE isaa miira ti’oolojii keessatti ni fayyadama.

1. Yesuus fudhachuu
 - a. Karaa nagaatiiviitiin (1:11; 3:32; 5:47)
 - b. Karaa pozatiiviitiin (1:12; 3:11; 3:5; 5:43; 13:20)
2. Hafuura fudachuu
 - a. Karaa negaatiiviitiin(14:17)
 - b. Karaa pozatiiviitiin (7:39)
3. Jechoota Yesuus fudhachuu
 - a. Karaa nagaatiiviitiin (12:48)
 - b. Karaa pozatiiviitiin (17:8)

Mata duree Addaa Ilaali Yesuusiif dhugaa ba’uu 1:18 irratti

3:12 “erga...Yoon” Inni jalqabaa FIRST CONDITIONAL SENTENCE, isa karaa ilaalcha barreessichaatiin yookin kaayyoo isaa qulqulluuttiin dhagaa ta’a jedhamee kan yaaddamuudha. Inni lammaffaan THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa gochaa humna qabu ibsuudha.

▣ **“isin”** BAKKA BUUSNII FI GOCHIMICHI DANEESSAADHA. Niqoodemos yommuu gara yesuusitti dhufe ture sanatti tarii bartooti ykn Fariisoonni isaa wajjin dhufuu hin oolle ta’a, ykn immoo inni kun warra Yihudii hin amanne hundumaaf akka wal 7 fi 11 (i.e. Niqoodemos akka bakka bu’aa gartuu tokkootti) ibsa walii gala ta’uu ni danda’a.

3:13 Waraabbiin kun mul’ata Yesuus akka dhugaatti, sirrumatti, kan jalqabaa fi kan adda ta’e kan Abbaa ta’uu isaa mirkaneessuuf kan karoorfateedha. (cf. 1:1-14). Inni kun Yohaannis keessatti fakkeenya kan biraa wantoota lamaa walirraa fagoo jiranuu, Waaqaa fi lafa, fooniifi hafuura burqaa Niqoodimosii fi burqaa Yesuusdha (cf. 1:51, 6:33,38,41,50,51,58,62). Waraabbiin kun waa’ee (1) Waaqummaa (2) jalqaba jiraachuu, Waaqa tokkoo bara baraa cimsee ni dubbata. (sadan Waaqa tokkoof Mata Duree Addaa 14:26 irraa ilaalaa).

▣ **“Ilma Namaa”** Inni kun karaa adda ta’een ofii isaatiif of ibsuu Yesuusi, inni amantii warra Yihudootaa jaarraa tokkoffaa keessatti ilaalchoota lammummaa, raayyaa waraanummaa, Masihummaa hin qabu ture. Jechichi His. 2:1 fi Far. 8:4 iddoo “dhala namaa” jedhurraa dhufe Dan. 7:13 keessatti Waaqummaa ibse. Jechichi dhagna Yesuus isa yeroo dhagahan dhugaa hin fakkaanne garuu immoo kan dhugaa ta’e, Waaqayyoo isa guutuu, nama isa guutuu walitti ni hidha (cf. 1Yoh. 4:1-3).

3:14-21 Iddoo itti haasaan Yesuus Niqoodemoos wajjin taasie itit dhaabatee fi yaadonni Yesuusii fi Yohaannis Bartichaa booddeerra itti jalqaban shakkii tokko malee beekuuf baay’ee namatti ulfaata. Yommuu wangeelli Yohaannis walga’iwwan dhunfaa Isaa Bartoota Isaa wajjin taasisu galmeessu, Wangeelonni walfakkaatan tajaajila barsiisa ummata keessaa Yesuus galmeessuun isaanii waan danda’amuudha. Waraabbiwwan 14-21 akka armaan gaditti kaa’amuu ni danda’mu.

1. vv. 14-15 Yesuus waliin walqabata.
2. vv. 16-17 Abbaa waliin wal qabata.
3. vv. 18-21 dhala namaa waliin wal qabata.

Yaadadha, Yesuusiis ta’e ykn Yohaannis ibsoota dhuga akan morme hin jiru!

3:14 “Muuseen lafa onaa keessatti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe” Inni kun Lakk 21:49 isa dhaakala firdii yeroo lafa onaa keessatti waan dinqiin mul’ateetti shaakalame seenessu kan eeruudha. Dhugaan inni guddaan dhalli namaa, hammamiyyuu guutummaan guutuutti yeroo hin hubannettuu Dubbii Waaqayyoo akka amananii fi abboomamandha. Waaqayyo Isiraa’elootaaf yoo amanana qofaa karaa itti dhukkuba bofaan iddamuutirraa fayyiniin ni dhiheesseefi. Amantiin kun Dubbii/kakuu isaatiif abboomamuu isaanitiin ragaa ta’e ture (cf. Lak. 21:8).

▣ **“ol fuudhe”** jechi Giriikii kun (cf. 8:28; 12:32,34) yeruma hundaa “garmalee hooqubaa dhiheessuutti” hiikama ture (cf. HoE 2:33; 5:31, Fil. 2:9) akkasumas jechi Yohaannis itti dhimma ba’u kan biraa miirota lamaan (dachaana ibsaman, cf. 1:5; 3:3,8)dha. Akkuma Waaqayyo warra kanneen jecha Waaqayyoo amananii dhukkuba bofaan hiddamuurraa wal ba’uuf gara bofa sibiila boorrajjiirraa ilaalaniif kakuu gale, akkasumas kanneen dubbii Waaqayyoo (wangeela waa’ee Kiristoos, isa Tokkicha fannooratti ol fudhatamee) amananii fi Yesuusitti amanann cubbuu) hiddamuu waan hammaa (cf. 12:31-32) BOFAA (Daabiloos cubbuu) irraa luba kan ba’an (kan fayyan) ni ta’u.

3:15-18 “hundinuu” (w15) “hundinuu (w.16) “Inni (w.18) jaalalli Waaqayyoo sanyii namaa hundumaaf affeerraadha (cf. Isa. 55:1-3; His. 18:23,32; Yoh. 1:29; 3:16; 6:33,51; 2Qor. 5:19, 1Xim. 2:4; 4:10, Tit 2:11 2Phe. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14). Affeeraan fayyinaa addunyaa guutuudhaafi, garuu immoo fudhatamni isaa miti male.

3:15 “amanu” Inni kun A PRESENT ACTIVE PARTICIPLE amanuun abdanna itti fufeenya qabuudha. Yaadannoo 1:2 fi mata duree addaa 1:7 fi 2:23 irraa ilaalaa.

▣ **“Isatti”** Inni kun dhugaawwan (dhugaawwan ti’oolojii) waa’ee Kiristoos garuu immoo walitti dhufeenya dhuunfaa Isaati. Fayyinni (1) erga kan amaname ta’uuti (2) nama kan fudhatamee fi abboommiin isaa fudhatame fi akkasumas (3) jiraachuuf jireenya isa akka nama sanaa qofaa ni eeru!

Haalli taa’ums agiraamarii isaa akka baratame miti. Inni MAQA DHAALA fi FIROMSEE itti jedhu of keessaa qabu, isa as Waneegla Yohaannis keessatti qofaa argamudha, yeroo baay’ee FROOMSEE tii jedhamuudha. Inni inni sun “tarii jireenya baa baraa qabaachuu” kan jedhuun walitti kan firoomu ta’uu qaba (cf. The New Testament in Basii English by Harold Greenlee).

3:15,16 “jireenya bara baraa” Jechi Giriikii (*zoē*) baay’inaa fi qulqullina (cf. 5:24) ni eere. Mat. 25:46 keessatti jechuma walfakkaatutu foo’amu bara baratiif kan faayidaarra oole. Wangeela Yohaannis keessatti *zoē* (si’a 33 faayidarra oole, irra jireenyaan boqonnaan 5 fi 6 keessatti) yeruma hunda (GOCHIMNI jireenya fooniitiif, innis 4:50,51,53 faayidaarra oole) du’aa ka’uumsa argachuu, jireenya firdii, ykn jireenya Bara Haaraa, jireenya Waaqayyoo ofii Isaa ni eera.

Wangeelli Yohaannis wangeelota biraarra xiyyeeffannaa isaa “jireenya bara baratiiratti” adda, Inni ergaa fi galma wangeela isa isa guddaadha (cf. 3:15; 4:36; 5:39; 6:45,68; 10:28; 12:25,17:2,3).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 3:16-28

¹⁶“Waaqayyo, akkasitti tokicha Ilma Isaa hamma kennuuffitti biyya lafaa jaalate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti. ¹⁷Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa Isaan haa fayyuuf Ilma Isaa biyya lafaatti erge malee. ¹⁸Ilma Isaa kanatti kan amanu itti hin faradamu, Isatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkicha Ilma Waaqayyootti waan hin amaniniif, ammuma iyyuu itti faradameera. ¹⁹Ifichi gara biyyi lafaa dhufeera, namoonni garuu hojii isaanii hamaa waan ta’eef ifa irra dukkana jaallata, firdichis akkuma kanatti ni raawwatama. ²⁰Hamaa kan hojjetu hundinuu ificha ni jibba, hojiin isaa akka irratti hin beekamneef gara ifichatti hin ba’u. ²¹Dhugaatti kan irraatu garuu hojiin isaa, inni akka jaalala Waaqayyootti hojjetame, haa mul’atuuf gara ifichaatti ni ba’a” jedheen.

3:16 “Waaqayyo. Jaal’ate” Inni kun AORIST ACIVE INDICATIVE (akkuma GOCHIMA “kennee” isa asirratti akka gochaa isa yeroo darbe raawwatame irratti dubbatuu (Waaqayyo Yesuus ni erge)dha. Waraabiileen 16-17 jalqabarratti waa’ee jaalala Waaqayyoo irratti haasa’a. (cf. 1Yoh. 4:7-21), keessattuu ww. 9-10). “Jaal’atee”n jecha *agapaō* dha. Inni sun Afaa Giriikii hunda biratti fudhatama qabu keessatti kan faayidaarra oole hin turre. Waldaan kiristiyaanaa durii isa fudhattee hiikkaa adda ta’een isa ni guutte. Dubbisoota tokko tokko keessatti inni jaalala Abbaa, ykn Ilmaa wajjin walitti ni firooma, haa ta’u malee, inni kan faayidaarra oole jaalala namaa karaa negaatiivii t’eeni (cf. 3:19, 12:43, 1Yoh. 2:15). Inni gama ti’oolojiitiin hesed Kakuu Moofaa, isa hiikkaan isaa kakuu amanamummaa fi jaalala Waaqayyoo jedhu Kakuu Moofaawajin moggaadha. *Koine* Giriikii bara Yohaannis keessatti jechoonni *agapaō* fi *phileō* karaa bu’uuraatiin moggaadha (3:35, 5:20 wajjin wal bira qabaa).

Hiiktoonni jechoota kanneen Waaqayyoo ba'aa dhala namaa (anthropomorphic) baachuu isaa ibsan hunda sammuu isaanii keessatti qabachuu qabu. Nuyi jechoota kanneen biyya lafaa keenya, fedhiwwan keenya, ilaalcha keenya seena qabeessa keessatti bara baraaf, qulqulluu, adda kan ta'e jiraataa hafuura (Waaqayyo) ittiin ibsuuf kan yaallu jechoota fayyadamuutu nuuf ta'a. Vokaabulariin (jechoonni) dhala namaa hundumaa hamma tokko kan wal fakkaatuu ykn ka fakkeenyaati. Isa karaa dhugaa sirriitiin mulataa jiru malee kan yeroo muraasaaf jiraatuu fi kan daangeeffame dhugaadhuma hin qabne sassaabuu hin danda'u.

MATA DUREE ADDAA: WAAQAYYO AKKA DHALA NAMAATTI IBSAME (AFAAN ANTHROPOMORPHIC)

I. Afaan gosa akkanaa Kakuu Moofaa keessatti kan baratameedha (fakkeenyonni tokko tokko)

A. Kutaalee dhagna foonii

1. ija – Uma. 1:4,31; 6:8; Ba'u 33:17; Lakk. 14:14, Kes. 11;22; Zek. 4:10
2. harka – Ba'u 15:17, Lak. 11:23, Kes. 2:15
3. irree – Ba'u 6:6, 15:16, Lakk. 11:23, Kes. 4:34; 5:15
4. gurra – Lakk. 11:18, 1Sam. 8:21, 2Mot. 19:16; Far. 5:1, 10:17, 18:6
5. fuula – Ba'u 32:30; 33:11; Lak. 6:25, Kes. 34:10, Far. 114:7
6. Ba'u 8:19, 31:8; Kes. 9:10; Far. 8:3
7. sagalee – Uma. 3:8,10; Ba'u 15:26; 19:19; Kes. 26;17; 27:10
8. miilla – Ba'u 24:10; His 43:7
9. dhaabbata namaa- Ba'u 24:9-10; Far. 47; Isa. 6:1, His. 1:26
10. ergamaa Gooftaa – Uma 16:7-13; 22:11-15; 31:11,13; 48:15-16; Ba'u. 3:4, 13-21; 14:19; Abo. 2:1; 6:22-23; 13:3-22

B. Gochaa foonii/dhagnaa

1. akka tooftaa uumamaatti dubachuu Uma. 1:3; 6,9,11,14,20,24,26
2. iddoo qonnoo Edan keessa (i.e sagaleedhaan deddeebi'uu) Uma. 3:8, 18:33; An. 3:15
3. balbala Biriduu Noh cufuu – Uma 7:16
4. aarsaawwan urgeeffachuu –Uma 8:21; Lew. 26:31; Amo. 5:21
5. gad dhufuu –Uma 11:5; 18:21; Ba'u 3:8; 19:11,18,20
6. Muusee awwaaluu – Kes 34:6

C. Miira oo'aa namaa (fakkeenyota tokko tokko)

1. gaabbuu/deebi'uu – Uma 6:6,7; Ba'u 32:14, Abo. 2:18; 1Sam. 15:29,35; Amo. 7:3,6
2. dheekkamuu – Ba'u 4:14; 15:7; Lakk. 11:10; 12:9; 22:22; 25:3,4; 3,4, 32:10,13,14; Kes. 6:5, 7;4; 29:20
3. inaaffaa –Ba'u 20:5; 34:14; Kes. 4:24; 5:9; 6:15; 32:16,21; Iya 24:19
4. balaaleffachuu/jibbuu – Lew 20:23; 26:30; Kes. 32:19

D. Jechoota maatii (fakkeenyota tokko tokko)

1. Abbaa
 - a. Isiraa'eel – ba'u 4:22; Kes. 14:1; 39:5
 - b. mootichaa – 2Sam. 7:11-16; Far. 2:7
 - c. bakka bu'a gochaa abbaa – Kes. 1:31; 8:5; 32:1; Far. 27:10; Fak. 3:12; Er. 3:4, 22; 31:20; Hos. 11:1-4, Mil. 3:17.
2. Warra – Hos. 11:1-4
3. Haadha – Far. 24:10 (walfakkeenya badaduu) Far. 49:15; 66:9-13
4. Dargaggeessa michuu dhugaa Hos 1-3

II. Sababa itti fayyadama gosa afaan kanaa

- A. Inni Waaqayyoof dhala namaatiif ofii Isaa ibsuun waan baay'ee barbaachisuudha. Bakka hundatti argamuun ilaalcha Waaqayyoo akka dhiiraa anthromorphism dha, sababni isaas Waaqayyo hafuura waan ta'eef!
- B. Namoonni kufeeff ofii Isaa ibsuudhaaf Waaqayyo kallattii jireenya namaa isa irra jireenyaan hiika qabu ni fudhata (abbaa, haadha, warra, michuu).
- C. Hammamiyyuu barbaachisu, Waaqayyo akaakuu gosa foonii/dhagnaa kamiifiyyuu kan daanga'e ta'uu hin barbaadu (cf. Ba'u 20; Kes. 5).
- D. Anthromorphism in dhuma hin qabne kun foon uffachuu Yesuusii! Waaqayyo foon, kan harkaan qabamuu danda'ame ni ta'e (cf. 1Yoh. 1:1-3). Ergaan Waaqayyo sagalee Waaqayyoo ni ta'e (cf. Yoh. 1:1-18)

▣ **“hamma”** Inni kun jechuumaa fi jechatti “haala kanaan jechuudha (i.e. 7:46; 11:48; 18:22). Inni tooftaa ni ibsa, miira miti. Waaqayyo (cf. Rom 5:8) bakka dhala namaa akka du’uuf Tokkicha Ilma Isaa kennuu (w.16) fi erguudhaan (w.17, lamaanuu AORIST ACIVE INDICATIVES) jaalala Isaa ni ibse (cf. Isa. 53; Rom. 3:25; 2Qor. 5:21; 1Yoh. 2:2).

▣ **“biyya lafaa”** Yohaannis jecha Giriikii *kosmos* kana hiikaawwan danuu keessatti itti dhimma ba’e (yaadannoo 1:10 fi Mata Duree Addaa 13:1 irratti ilaali.

Waraabbiin kun dabalataanis Imaanummaa barsiisa. Sobaa hafuura (Waaqayyo) fi wanta ta’ee gidduu jiru ni gana. Warri Giriikii wantootaaf hafuura hamaa kennuudhaan turaniiru. Isaaniif wantoonni (i.e. foon namaa) namoota hunda keessatti mana hidhaa qaanqee Waaqummaa ture. Yohaannis hammeenya wantootaa ykn foonii hin yaadne. Waaqayyo biyya lafaa (pilaanetii, cf. Rom. 8:18-22) fi sanyii namaa (foon, cf. Rom 8:23) ni jaal’ata. Inni kunis yaada hiika tokko caalaa qabuu fi wal mormisiisu (double entendre) Wangeela Yohaannis keessatti sirriitti beekamaa ta’e keessaa isa kan biraa ta’uu ni mala (cf. 1:5; 3:3,8).

▣ **“Ilma Isaa”** kana jechuun “wanta adda ta’e, keessaa tokko jechuudha. Ilma kan jedhu karaa (1) miira ilma saalqunnamtii fooniitiin argamuu (2) miira ijoolleen kan biroo hin jiranu jedhuun hubatamuu hin qabu. Kan akka Yesuus ta’an ijoolleen wayiituu hin jiranu. Yaadannoo guutuu 1:14 irraa ilaalaa.

▣ **“kan Isatti amanu hundinuu”** Inni kun PRESENT ACITIVE PARTICIPLE, isa amantii jalqabaa fi itti fufeenya qabu addeessuudha. Mata duree Addaa 1:14 fi 2:23 ilaali. Mirkaneeffannichi xiyyeeffannaa kennuuf waraabii 15 irraa irra kan deebi’ameedha. Waan hunda isa ta’ee Waaqayyoon haa galatu. Inni kun gartuu addaa tokko (kan sanyii, warra adda ba’an, ykn warra beekumsa ti’oolojii qaban) irratti kan garmalee xiyyeeffateedha. Inni sun “birmadummaan Waaqayyoo” fi fedhiin bilisaa dhala namaa gamtaadhaan kan adda ta’an miti, isaan lamaanuu dhugaadha! Waaqayyo yeruma hundumaa deebii kakaasee ajandaa ni qopheessa (cf. 6:44,65), garuu immoo Inni karaa kakuutiin walitti dhufeenya Inni dhala namaa wajjin qabu qindeessee jira. Isaan aarsaa Isaa fi haalota jiraniif deebii deebisuu fi deebii deebisuu isaaniis itti fufuu qabu! *Phileō*.

MATA DUREE ADDAA: WANTI TA’U HUNDI DURSEE WAAQAYYON MURTA’UU ISAA (CALVINISM) FI FEDHA BILISAA DHALA NAMAA (ARMINIANISM)

Tiitoo 2:1 dubisa Kakuu Moofaa filannoo irratti barreeffame kan biraatiif kan gituudha. Yaada koo gabbifachuuf roomaa 8:29 fi 9 akkasumas Efesoon 1 irraa otuun yaadannoo fudhadhee gama ti’oolojjiin kan na gargaaruu akka malu nan yaade.

I. Roomaa 8:29 – Phaawuloos asitti fi 11:2 irratti dursanii beekuu “foreknew” (*proginōskō*) si’a lama itti dhimma ni ba’a. 11:2 keessatti inni otuu yeroon hin jalqabiin dura isa ture jaalala Waaqayyo Isiraa’elootaaf qabu ni eera. Jechi Ibrootaa “beekuu” jedhu waa’ee nama ijumaan beekanii otuu hin ta’in (cf. Uma. 4:1; Er. 1:5) ichuu, firummaa dhuunfaa wajjin akka walitti dhufu yaadadhaa. Asirratti inni sun hidhata haalota bara baraa of keessatti kan hammaate ture (cf. Rom. 8:29-30). Jechi kun dursee Waaqayyoon murtaa’uu isaa wajjin kan walitti hidhame ture. Haa ta’u malee, beekumsi Waaqayyoo dursee ture bu’uura filannoo akka hin taanetti ibsamuu qaba, sababni isaas otuu sun ta’ee turee, maarree silaa filannichi deebii egeree namooma kufee irratti kan hundaa’u ni ta’a ture, innis gochaa namaa ni ta’a ture. Jechi kun dabalataanis HoE 26:5, 1Phex. 1:2,20 fi 2Phe. 3:17 keessatti ni argama.

A. “dursanii beekuu (*proginōskō*, “foreknew”) Jechoonni dursanii beekuu” fi “dursee beekuu Waaqayyoo” lamaanuu walitti makoo FIROMSEE “dura” fi sababa...” jedhu wajjin “dursanii beekuu”, dursanii daangaawwan sirreessuu, ykn “dursanii mallattoo gochuu” itti hiikamuu qabu. Kakuu Haaraa keessatti barreeffamoonni dursee Waaqayyoon murtaa’uu irratti hiika ibsan Rom 8:28-30; Efe. 1:13-14; fi Rom. 9 dha. Dubbisoonni kunniin ifumatti Waaqayyo birmaduu akka ta’e sirriitti ni addeessu. Inni wantoota hundumaa too’achuutti jira. Karoorri Waaqummaa yeroo keessatti yeroo ammaa itti hojjetamaa jiru ni jira. Haa ta’u malee karoorri kun kan aagnoon isaa daangaa hin qabne ykn kan filatamee adda ba’ee miti. Inni barmadummaa fi dursee beekuu Waaqayyoo irratti qofaa otuu hin ta’in amala jaalala, araara, fi ayyaana daangaa hin qabne hin geeddaramne irrattis ni hundaa’e.

Nuyi fedhii dhuunfaa keenyaa warra dhihaa (Ameerikaanota) ykn fedhiin ol’aanaan hojii

wangeelaa keenya dhugaa dinqisiisaa kana haalluu akka hin dibne of eeggachuu qabna. Nuyi dabalataanis ilaalchota walitti bu'iinsa beektoota ti'oolojii Augustine fi Pelegius ykn Calvinism fi Arminianism tiin akka addaan hin baanes of eeggachuu qabna.

- B. “dursee kan murtaa’e” (*proorizō*, predestined) Durfamee muraa’uu jechuun barsiisa waldaa keessaa jaalala, ayyaanaa fi araara Waaqayyoo daangeessu, ykn immoo wangeela keessa waan ta’e keesaa baasuu jechuu miti. San jechuun ilaalcha isaanii biyya lafaa harreessuudhaan amantoota jabeessuuf jechuufi. Waaqayyoo dhala namaa hundumaafi (cf. 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9). Waaqayyoo wantoota hundumaa too’achuutti jira. Eenyutu Isarraa addaan nu baasuu danda’a (cf. Rom. 8:31-39). Waaqayyoo akkuma ammaa, dhalli namaa yeroodhaan kan daanga’e ta’uusaa seenaa dandeettiin sammuu keenyaa hundinuu kan daangeeffamaniidha. Birmadummaa Waaqayyootii fi fedhii bilisaa namaa gidduu wal faalleessuun wayiituu hin jiru. Inni qajeelfama kakuuti. Inni kun fakkeenya kan biroo isa dhiphina falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga’uu keessatti kennameeti. Barsiisonni waldaa keessaa kan Macaafa Qulqulluu ilaalchoota adda addaa irraa dhihaatani. Isaan yeruma hundaa haala wal faalleessaniin ni mul’atu. Dhugichi haala wal madaalaa ta’een cimdii wal cinaa kan fakkaataniidha. Dhugoota keessaa isa tokko kaasuudhaan dhiphinnicha haquu hin qabnu. Nuyi dhugaa Macaafa Quqlulluu tokkoyyuu gara kutaa mataa isaatti addaan hiruu/qooduu hin qabnu.

Dabalataanis galmi filatamuu yommuu duunu gara Waaqa deemuu akka hin taane, garuu immoo yeroo ammaa kanatti Yesuusina fakkaachuu akka ta’e itti dabaluun baay’ee barbaachisaadha (cf. Rom 8:29; Ef. 1:4, 2:10). Nuyi “kan qulqulloofnee fi muudaa kan hin qabne” ta’uudhaaf filatamne ture. Waaqayyoo namoonni kan biroo jijjiirama keenya arganii Waaqayyootii Kiristoosiin amanuudhaan akka deebisaniif mul’isaniif Waaqayyoo nu jijjiiruuf nu filata. Dursanii Waaqayyoon murteeffamuun mirga addaati miti, itti gaafatama kakuuti malee. Inni kun dhugaa isa hanga dubbisichaati. Inni kun galma kiristiyaanummaati. Qulqullummaan amantoota kamiifyyuu fedha Waaqayyootii. Filuun Waaqayyoo Kiristoos akka fakkaannuufi (cf. Efe. 1:4), malee ejjannoo biraatirraa kan ka’e miti. Fakkeenyi Waaqayyoo, inni uumamaan namaa kenname (cf. Uma. 1:26; 5:1,3; 9:6) faayidaarra kan oolu akka ta’uufi.

- C. “jaalalaan akka fakkeenya Ilma isaa foo’amuu” – qalmi Waaqayyoo inni daangaa hin qabne fakkeenya isa yommuu kufaati bade faayidaarra akka oolu/akka suphamu gochuudha. Amantoonni uumamuu biyya lafaa dura karaa Kirisoos foo’amaniiru 9cf. Efe. 1:4).

II. Roomaa 9

- A. Boqonnaan 10 yommuu waa’ee fedha ilma namaa isa bilisaa ifaa fi irra deddeebiidhaan ibsu, (cf. “hundumaa” 2.4; “hundinuu” ww. 11,13, “hundumaa” w.12 [si’a lama]) Roomaa 9 birmadummaa Waaqayyoo irratti dubbisoota Kakuu Haaraa keessaa kanneen ciccimoo ta’an keessaa isa tokko (kan biroo Ef. 1:3-14 ni ta’u). Phaawuloos dhiphina ti’oolojii kana gonkumaa araarsuu hin yaalu. Isaan lamaanuu dhugaadha! Barsiisonni Macaafa Qulqulluu irra jireenyi isaanii karaa wal mormisiisaniin ykn karaa hiika adda addaa gosa lama qabaniin dhihaatu, Irra jireenyi tooftaawwan ti’oolojii gamisaan dhugaawwan amaniisoo ta’u. Augustinianism fi caluininism fi Semi-Pelegianism fi Arminianism tahiyyoowwan dhugaatii fi dogoggoroota ni qabu. Dhiphinni Macaafa Qulqullu barsiisota waldaa gidduutti mul’atan kan kitaaba rageessaatti, seerota agantii, sababa qabatamaatti kan amanu, tooftaa ti’oolojii Macaafa Qulqulluu gara sarara akkasumaasn sammuu namaa keessatti uumameetti akka jijjiiramuu ni dirqisiisu.
- B. Dhugaa walfakkaataan kun (Roomaa 9:23 keessatti kan argamu) Rom. 8:29-30 fi Efe. 1:4,11 keessatti ibsamee jira. Boqonnaan kun Kakuu Haaraa keessatti ibsa birmadummaa Waaqayyoo ibsu isa baay’ee cimaadha. Waaqayyoo walumaa galatti uumamaa fi humna hafuura hamaa qulqulleessaa akka ta’e balaaleffannaan wayiituu jiraachuu hin danda’u. Dhugaa inni guddaan gonkumaa laafuu ykn baduun irraa hin eeggamu. Haa ta’u malee akka walitti dhufeenya uumama namaa wajjin jiruutti filannoo kakuu Waaqayyoo wajjin, akka fakkeenya Isaatti is ahojjatame kan madaalu ta’uu qaba. Dhugumaan kakuuwwan Kakuu Moofaa kanneen akka uumama 15 mamii tokko malee kan hin jijjiiramnee fi deebii dhala namaa hundaa wajjin kan walitti hin dhufneedha, kakuuwwan kan biroo garuu deebii dhala namaatirratti kan hundaa’aniidha (Fak. Edan, Nooh, Muusee, Daawit). Waaqayyoo uumama isaatiif karoora hafuura hamaatirraa qulleessuu/araaramuu ni qaba, namni kamiyyuu karoora kana miidhuu hin danda’u. Waaqayyoo namoonni tokko tokkon karoora isaa keessatti akka hirmaataniif isaaniiif heyyamuuf filateera. Carraan hirmaannaa kun dhiphina ti’oolojii birmadummaa (Roomaa 9)

fi fedha bilisa dhala namaa (Roomaa 10) gidduu jiruudha.

Xiyyeeffannaa Macaafa Qulqulluu tokko filanii isa kan biraa immoo dhiisuun waan sirrii miti. Barsiisota waldaa keessa dhiphinni ni jira. Sababiin isaan namoonni gara bahaa dhugaawwan mormiidhaan amansiisuudhaan ykn cimdii dhiphinnana guutamaniin dhugaa isaanii ni dhiheessu. Barsiisonni waldaa barsiisota waldaa kan biroo wajjin walitti dhufeenya kan qabaatan ta'uu qabu. Dhugaan dizaayinii dhugugaawwan adda addaa walitti fiduudhaan hojjetamuudha.

III. Efesoon 1

- A. Filannoon barsiisa amantii isa dinqisiisaadha. Haa ta'u malee, inni waamicha alataa otuu hin ta'in, waamicha fayyina namoota kan birootiif bo'oo, meeshaa ykn karaa ittiin ta'uuti! Kakuu Moofaa keessatti jechi addatti tajaajilaaf faayidaarra oole, Kakuu Haaraa keessatti irr ajireenyaan fayyina isa tajaajila keessaan mul'atuuf faayidaarra oole. Macaafni Qulqulluun mormiilee birmadiummaa Waaqayyoo fi fedhii bilisaa dhala namaa gidduu jiran fakkaatan gonkumaa walitti hin araarsu, garuu immoo isaan lamaanuu ni mirkaneessa malee. Fakkeenyi gaariin dhiphina Macaafa Qulqulluu birmadummaa filannoo Waaqayyoo irratti Roomaa 9 fi deebiin inni barbaachisaa dhala namaa irrattii immoo Roomaa 10 ni ta'u (cf. 10:11,13).

Dhiphina ti'ooolojii kanaaf furtoon tarii 1:4 keessatti argamuu ni mala. Yesuus nama Waaqayyoo Isa filatame, akkasumas immoo hundinuu karaa humna qabeessa ta'een Isaan filatamani (Karl Barth). Yesuus fedhii dhala namaa kufeef filannoo isa duraati (Kaf/Barth). Efesoon 1:4s dabalataan galmi durfamani filatamuu/fo'amuun gara Waaqaa deemuu qofaa otuu hin ta'in, qulqullummaa (Kirisootiin fakkaachuu) akka ta'e ifaan ifa ibsuudhaan dhimmicha ifa ni godha. Nuyi yeruma hundaa bu'aawwan wangeelaatti gammannee itti gaafatamoota ni dhiifna! Waamichi (fo'oon) Waaqayyoo bara hamma baraatiifi!

Barsiisonni waldaa akka dhuaawwan leexaa fi walitti dhufeenya hin qabneetti otuu hin ta'in dhugaawwan kan birootiin walitti dhufeenya qabaachuudhaan dhufa. Barsiisni waldaa keessaa akka dhugaawwan walitti hin firoomnee, akka leexaatti otuu hin ta'in walitti firooma dhugaawwan kan birootiin dhufa. Walfakkeenyi gaariin fiixee wanti baay'een guddaa tokkoo fi urjii leexaa tokko idduu ni ta'a. Waaqayyoo dhugaa kan dhihaa keessatti miti. Nuyi dhiphina walmormiwwan cimdii dhugaawwan barsiisotaan dhufan balleessuu qabna (Waaqayyoo akka baay'ee ol'aanaa hundarra caalutti fi Waaqayyoo Isa iddoo hundatti argamuu gidduu, nageenyaa fi hojii itti fufeenya qabu, Yesuus akka Abbaa wajjin wal qixaa fi Yesuus akka Abbaadhaaf baay'ee ajajamuu, bilisummaa kiristiyaanaa fi shariika kakuu itti gaafatamummaa kiristiyaanaa kkf).

Ilaalcha "kakuu" ti'ooolojii birmadummaa Waaqayyoo (isa yeruma hundaa kaka'umsa fudhatuu fi ajandaa sirreessu) itti gaafatama jalqabaa fi qalbii diddiirannaa amantii namaa irraa walitti ni fida. Rooga tokkoon isa jiru mirkaneeffachuudhaan gara kaaniin isa jiru akka hin balaaleffanneef of eeggachuu qabna! Barsiisni kee duwwaan yookin tooftaan ti'ooolojii kee duwwaan ta'uu qaba akka hin jenneef of eeggadhu.

- B. "Inni nu filateera" Efesoon 1:4 AORIST MIDDLE INDICATIVE isa ABBAA DHIMMICHA addeessuudha. Inni kun filannoo Abbaa yeroo duraa irratti ni xiyyeeffata. Falannoon Waaqayyoo miira murtii Islaamummaatiin ykn akka tokko tokko kanneen biroo miira ilaalchota safuu ol aanaa qabaniitiin kan hubatamanuu hin qabu, akkuma miira kakuutitti malee. Waaqayyoo dhala namaa ufe walaba baasuuf kakuu gaalee (abdachiisee0 ture (cf. Uma. 3:15) Waaqayyoo dhala namaa hunda filachuuf Abbrahaam wwamee ni filate (cf. Uma. 12:3; Ba'u 19:5-3). Waaqayyoo ofii Isaatii namoot akanneen Kiristoositti manuu shaakalan hundaa ni filate. Waaqayyoo ni fudhata (cf. Yoh. 6:44,65). Dubbisni kuniifi Waaqayyoo Augustinii fi Kaalviiniin addeeffamee tureef bu'ura Macaafa Quqlulluuti.

Waaqayyoo amantoota kan file fayyina qofaaf otuu hin ta'in, aarsaadhaafis ture (cf. Qol. 1:12). Inni kun (1) taayitaa (aango) nuyi Kiristoositti qabnu ykn (2) fedhii ol'aanaa Waaqayyoo ijoollee Isaa irratti amalli Isaa akka hour barbaadu (cf. 2:10; Rom 8:28-29; Gal. 4:19) wajjin wal ni qabata. Fedhiin Waaqayyoo ijoollee isaatiif qabu lachanuu guyyaa tokko Waaqaa fi amma Kiristoosiin fakkaachuudha!

"Isatti" ilaalcha ijoo Efe. 1:4ti. Eebboonni, ayyaanni, fi fayyinni Abbaa Kiristoos keessaan darba (cf. Yoha. 14:6). Irra deddeebiiwwan akaakuu caasluugaa kunniin (LOCATIVE OF SPHERE) w.3

keessatti “Kiristoositti” w.4 “Isatti”; w.7 “Isatti” w.9 “Isatti”; w.10; “Kiristoositti” “Isatti”; w.12, “Kisiroositti fi w.13 “Isatti” (si’a lama) ta’uu isaa qalbeeffadha. Kiristoos dhala namaa kufe hundaaf “sirrii” Waaqayyooti (Kar/Barth). Yesuus nama filatamee fi hundumtinuu kana humna Isaatiin Isaan kan filatamanidha. Eebboon Waaqayyo Abbaa hundinuu Kiristoos keessaan dhangala’a.

Gaaleen “otuu biyyi lafaa hin hundeeffamiiniin dura” jedhuus dabalataan Mat. 25:34; Yoh. 14:24; 1Phex. 1:19-20 fi Mul. 13:8 keessatti faayidaarra oolee jira. Inni sirumaayyuu Uma. 1:1 durayyuu gochaa fayyisuu Waaqayyoo Isa dhugaat agarsiisa. Dhalli namaa miira yeroo isaaniitiin murtaa’u, wanti keenya hundi darbeera, amma, agare/siichi, garuu immoo Waaqayyoof akkas miti.

Galmi wanta hunda ta’uu qulqullummaadha malee, mirga addaati miti. Waamichi Waaqayyoo ijoollee Addaam kanneen filataman muraasaaf miti, hundumaafi malee. Inni waamicha isa Waaqayyoo dhalli namaa Isuma mataa isaa kan fakkaate akka ta’u, (cf. 1Tas. 5:23; 2Tas. 2:13) akka fakkeenya isaatti (cf. Uma. 1:26-27). Waan hunda dursee beekuu Waaqayyoo gara ilaalcha/amantii ti’oolojii namoota baay’eetti gama ilaalcha qulqullummaatiin jijjiiruun waan nama gaddisiisaadha. Yeroo baay’ee ti’oolojiiwwan keenya dubbisoota Macaafa Qulqulluu caalaa sagalee ol kaasanii ni dubbatu.

Jechi “balleessaa malee” (*amōmos*) (1) Yesuusiif (cf. Ibr. 9:14; 1Phex. 1:19); (2) yesuusii fi Elzaabeexiif (cf. Luq. 1:6); (3) Phaauloos (cf. Fil. 3:6); fi (4) kiristiyaanota dhugaa hundaaf (cf. Fil. 2:15; 1Tas. 3:13; 5:23) faayidaarra oole. Fedhiin Waaqayyoo fakkaattii hin qabne kiristiyaana kamiifiyyuu Waaqa booddee qofaa otuu hin ta’in, ammas Kiristoosin fakkaachuudha (cf. Rom. 8:29-30; Gal. 4:19; 1Phex. 1:20. Amantoonni kaayyoo wangeelaatiif amala Waaqayyoo biyya lafaa badeef calaqqisiisuutu isaaniif ta’a.

Karaa caasluugaatiin gaaleen “jaalala keessaan” jedhu waraabii kana keessaa w.4 ykn w.5 wajjin deemuu ni danda’a ture. Haa ta’u malee gaaleen kun yommuu iddoowwan kan biroo Efesoon keessatti faayidaarra ooletti inni yeruma hunda jaalala namni Waaqayyoof qabu calaqqisiisa (cf. 3:17; 4:2,15,16).

- C. Efesoon 1:5 keessatti himni “Inni dura nu foo’ateera” jedhu AORIST ACTIVE PARTICIPLEDHA. Jechi Giriikii kun walitti makoo “dura” fi “foo’atee” dha. Inni sun karoora fayyisuu Waaqayyoot eera (cf. Luk. 22:22; HoE 2:23; 4:28; 17:31; Rom. 8:29-30). Dura foo’atamuun dhugaawwan danuu fayyina dhala namaa wajjin walitti firooman keessaa isa tokko. Inni sun kutaawwan ti’oolojii ykn walitti fufeenyaa dhugaawwan wal qabataniiti. Isa jechuun adda ba’uudhaan xiyeeffannaa kan argatan ta’uu miti! Dhugaawwan Macaafa Qulqulluu walitti fufeenyaa dhipinaan guutuu wal mormiiwwan gosa lamaa (cimtii) of keessaa kan qabuudha. Gartuuwwan amantiitiin qoodamuund hugaawwan wal morsiisoo ta’an kan hiika ifa ta’e hin qabne. (durfanii foo’amuu fi fedha bilisaa dhala namaa, nageenya amantootaa fi yeruma hunda hojii itti fufuu qulqullootaa, cubuu sanyiidhaan dhufuu fi cubbuu gochaa yakkaatiin dhufu, cubbuu maleessummaa fi cubbuu xiqqoo hojjechuu, aarsaa battalumatti ta’uu fi aarsaa suuta suuta ta’u, amantii fi hojii, bilisummaa kiristiyaanaa fi itti gaafatamummaa kiristiyaanaa, hunda caalummaa/ol’aanummaa fi bakka hundatti aramuu) qofaa addeessuudhaan dhiphinoota Macaafa Qulqulluu balleessuuf yaadaniiru.

Filun Waaqayyoo beekumsa duraa gochaa dhala namaa irratti kan hundaa’ee miti, amala Isaa isa arjaa irratti malee (cf. ww. 9 fi 11). Inni hundumtinuu (warra seeraa fi barsiisa amanti irratti adda ta’an ykn warra adeemsa Kalvinummaa isa hammayyaa har’aa hordofanuma miti) akka kan fayyan ta’aniif ni hawwa (cf. His. 18:21-23,32, Yoh. 3:16-17, 1Xim. 2:4, 4:10; Tito. 2:11 2Phex. 3:9). Akkuma araari Waaqayyoo dubbisoota kan biroo dura foo’amuutiif furtuu ta’e, Roomaa 9-11 araari Waaqayyoo (amalli Waaqayyoo) dubbisa kanaaf furtuu ti’oolojiiti.

Abdiin dhala namaa kufee ayyaanaa fi araara Waaqayyoo qofaadha (cf. Isa. 53:6) fi kitaaboota Kakuu Moofaa roomaa 3:9-18 keessatti eeraman baay’ee isaanii). Isa Phaawuloos wantoota kanniin kanneen guutummana guutuutti akka dandeettii dhala namaatiin walitti hin dhufne addeessu hubachuuf boqonnaawwan hiika kennan jalqabaa dursee foo’amuu (boq. 1), ayyaana (boq. 2) fi karoora walaba baasuu bara baraa Waaqayyoo (mystery, 2:11-3:13). Kanniin baya’ee barbaachisaadha. Inni kun xiyeeffannaa hojii galanni ta’uu fi of tuulummaa barsiisota sobaa deebisee sirreessuuf ture.

▣ **“haa baduuf miti”** Kun agarsiisuu namoonni tokko tokko badaniidha (AORIST MIDDLE SUBJUNCIVE). Baduun isanaai (amollumi, AORIST MIDDLE SUBJUNCIVE) kallattiidhaan hanqina isaanii deebii amantii Yesuusiif qaban wajjin walitti kan firoomuudha. (cf. 11:25). Waaqayyo amantii dhabuu isaaniitiif sababa hin ta’u, ykn qajeelfama kennuuf hin fedhu (cf. His. 18:23,32, 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9).

Namoonni danuun jecha kana jechuumaaf jecha fudhachuudhaan barbadaa’uu warra cubbamootaa ni mirakneessu. Inni kun Dan. 12:2 fi Mat. 25:46 wajjin walitti bu’uu ni danda’a. Inni kun fakkeenya gaarii amantoota hinaafan barreeffamoota garmalee fakkeenyummaa qaban warra Bahaa gara akaakuuwwan hiika kennan warra Dhihaa (jechaafi jechaa fi amanamaa) geeddaraniiti. Maree gaarii jecha kanaatiif Robert B. Girdlestone’s Synonyms fo the Old Testament, 275-277 ilaalaa. Mata duree Addaa: Badiisa (apolummi) 10:10 irratti ilaalaa.

Ammas akkamittiin Yohaannis ramaddiiwwan wantoota lamaan walqabatani akka yaaduu fi akka barreessu yaadatti qabadhaa (cf. baduu fi jireenya bara baraa). Jechoonni fi qajeelfamoonni barsiisota Yesuus wangeelota walfakkaatanii fi Wangeela Yohaannis gidduu jiran kan baay’ee adda ta’aniidha. Namni tokko barreessitoonni Wangeelaa barreeffamoota wangeela Yesuus hordoftoota isaanii filatamaniif dhiheessanirratti (qajeelfama Waaqummaa jalatti, innis, dadammaqiinsa) hamman akka bilisa ta’an ni dinqisiifata. Gordon Fee fi douglas Stuart, *How To Read The Bible For All Its Worth*, ff. 127-148 ilaali.

3:17 “biyya lafaatti farachiisuuf” Wangeela Yohaannis keessatti dubbisoonni kanneen Yesuus akka fayyisaatti malee, akka Abbaa Firdiitti hin dhufne sirriitti hubachiisan danuutu jira (cf. 3:17-21; 8:15; 12:47). Haa ta’u malee, dubbisoonni kan biroo kanneen Yesuus akka firdiif dhufe, fardu sirriitti hubachiisan ni jiru (cf. 5:22-23,27; 9:39; akkasumas kutaawwan Kakuu Haaraakan biroo, HoE 10:42; 17:31; 2Xim. 4:1; 1Phex. 4:5).

Yaadonni ti’oolojii danuunis tarree ni galu.

1. Waaayyo akka mallattoo ulfinaatti akkuma wantoota uumeefi hafuura hamaarraa fayyiseen firdii Yesuusiif ni kenne (cf. 5:23).
2. Yesuus yeroo jalqabaa fayyisuuf malee faraduuf hin dhufne ture (cf. 3:17), garuu immoo sababa qabatamaa namoonni Isa fudhachuu didaniif, isaan ofuma isaaniitiin ni faradu.
3. Yesuus akka Mootii Moototaatti fi akka abbaa Firdiitti deebi’ee ni dhufa.

3:18 Waraabbiin kun dhaamsa fayyina bilisaa gama Kiristoosiin fi firdii ofiin of miidhuu gidduu jiru irra ni deebi’a. Waaqayyo namoota gara si’ool hin ergu. Isaan ofumaa of ergu. Amantiin bu’aawwan argiisiiisuu itti ni fufu (“amanuu” PRESENT ACIVE PARTICIPLE) akkasumas immoo amanuu dhisuuniis akkanuma (“kan itti fardiin itti faradame ta’anii jiraachuu” PERFECT PASSIVE INDICATIVE fi “kan hin amanne” PERFECT PASSIVE INDICATIVE Mata Duree Addaa 2:23 fi 9:7 irraa ilaalaa.

3:19-21 “namoonni ifa irra dukkana jaalatan” Namoonni kanneen wangeela dhaga’anii fudhachuu didani, sababa hayyummaa ykn aadaa isaaniitiif otuu hin ta’in, kabajatu dursuu qaba jedhan (cf. 1:9; 8:12; 9:5; 12:46) fi erga Isaa jaalala Waaqayyoo, fedhii dhala namaa, kennammii Kirisoos, fi deebii barbaaddaman ni eera. Inni kun 1:1-18 irraa ergaa quqlulleessuudha.

3:19 “firdichi akkuma kanatti ni raawwatama” Firdiin, akkuma fayyinaa, lamaanuu dhugaa yeroo ammaati (cf. 3:19; 9:39) fi wantoota booddeerra faayidaarra oolaniidha (cf. 5:27-29; 12:31,48). Amantoonni asiin dura (eschatology qalbeeffame) fi siichi (eschatology faayidaarra oole keessa jiraataniiru. Jireenyi kiristiyaanaa gammachuu fi qabsoo naasiisaadha, kufaatiwwan walirraa hin cinneetiin booda injifannoo, akeekkachiisota hojiiwwan itti fufeenya qabani booddee wabiidha!

3:21 “dhugaatti kan jiraatu” Hamma “Ifni” (cf. ww. 19,20 [si’a lama], 21) ifatti Yesuus kan eeru ta’ee, “dhugaa” inni jedhus qubee guddaadhaan barreeffamuun wanta danda’muudha. Reobert Hanna A Grammatical Aid to the Greek New Testament quotes N.Turner keessatti Grammatical Insights into the New Testament, isaa keessatti, inni isa kana “namtichi bartuu Dhugaa ta’e jedhee ni hiika (f. 144).

Gama ti’oolojiitiin waraabbiin kun waraabbi Wangeela Maatewos 7 wajjin wanta walfakkaataa ni ibsa. Jireenyi bara baraa amala hubatamuu dadna’uudha. Namni tokko dhugumaan Kiristoosiin Waaqayyootti ba’uu, Hafuura Quqlulluudhaan guutamuu, fi haaluma walfakkaatuun turuu hin danda’u. Fakkeenya biyyoo biqiluu irratti otuu hin ta’in ija baachuu irratti kan xiyyeeffatudha (cf. Mat. 13, Mar. 4, Luq. 8. Dabalataaniis mare

Yohaannis 15:1-11 keessaa yaadatti qabadhaa). Hojiiwwan fayyina hin argatani, garuu immoo isan ragaalee isaati (cf. Efe. 2:8-9,10).

GAAFFIILEE MAREE

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Hiikni gaalee “lammata dhalachuu” maaliidhaa?
2. “Bishaan waraabbii 5 keessaa maal bakka bu'a, maaliif?
3. “Amanuun” (amantii eeguun) maal of keessaa qabaa?
4. Yohaannis 3:16 dubbisa waa'ee jaalala Yesuus dhala namaatiif qabuutu moo kan Abbaati?
5. Akkamittiini Calvinism kan Wangeela Yohaannis 3:16n walitti kan firoomee?
6. “Baduu” jedhuun barbadaa'uu jechuudhaa?
7. “Ifa” ibsaa.

WARAABBILEE 22-36F ILAALCHOTA DUBBISAA

- A. Xiyyeeffannaa Yohaannis Waaqummaa guutuu Yesuus Kiristoos jalqaba duraa Wangeelaatirraa haasaa fi dingata mul'achuu dhuunfaatiin kan wal qunnameedha. Boqonnaan kun wanta kana ittuma fufa.
- B. Yohaannis, Wangeela isaa dhuma jaarraa tokkoffarratti, gaaffiiwwan kanneen erga wangeelonni walfakkaatan barreeffamanii booda ka'an deebisuuf barreesse. Isaan keessaa inni tokko hordoffii guddaa fi addatti amantiiwwan shakkii Yohaannis cuuphaa wajjin wal qabatan irratti ka'aaa turaniirratti (cf. HoE. 18:24-19:7). 1:6-8, 19-36 fi 3:22-36 keessatti Yohaannis cuuphaan Yesuus Nama Naazireet wajjin walitti dhufeenya gadi aanaa inni Isaa wajjin qabu mirkaneessee shoora Masihummaa Yesuus hubachiisuun inni wanta adda ba'eedha.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 3:22-24

²²Kana booddee Yesuusii fi bartoonni Isaa gara kutaa biyya Yihudaa dhaqan, Yesuus bartoota isaa wajjin takka achi bubbule, ni cuuphas ture. ²³Yohaannis immoo mandara Enon isa Saalmeitti dhi'oo, iddoo bishaan baay'een argame sanatti ni cuupha ture; namoonni achi dhaqanii ni cuuphaman. ²⁴Yohaannis yeroo sanatti mana hidhaatti hin galfanne ture.

3:22 “gara kutaa biyya Yihudaa dhaqan” Ergamni jalqabaa lamaanuu Yihudaa fi Galiilaa keessaa kunniin Wangeeloota walfakkaatan kan biroo keessatti irratti hinmair'atamne. Wangeelonni seenaa dudduubaa walitti fufeenya qabu kan Kiristoos miti. Gordon Free fi Douglas Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, ff, 127-148 ilaalaa.

▣ **“Yesuus bartoota Isaa wajjin takka achi bubbule”** Yesuus namoota danuudhaaf yommuu lallabu bartoota Isaa wajjin kophaa ni haasa'a ture. Inni ofii Isaa Isaa keessa ni galche. Hiikni jechotaa xiyyeeffannaa kitaabota dinqisiisoo lamaanii *The Master Plan of Evangelism and The Master Plan of Discipleship*, Robert E. Coleman niin barreeffamanidha. Lamaanuu waa'ee hirmaannaa Yesuus gartuuwwan xixinnoo wajjin dhuunfaadhaan qabu irratti xiyyeeffatu!

▣ **“ni cuuphas ture”** 4:2 keessaa Yesuus ofii Isaatiif akka hin cuuphne, garuu immoo bartoonn Isaa akka cuuphan ni baranna. Ergaan Yesuus jalqabarrati ergaa Yohaannis cuuphaa wajin tokkuma ture. Innis dhaamsa qalbii diddiirrannaa fi qophaa’umsa Kakuu Moofaature. Cuuphaan asitti dhahame kun cuuphaa qalbii diddiirrannaa fi fudhatama hafuuraatiif fakkeenya kan ta’eedha malee cuuphaa kiristiyaanaa miti.

3:23 “Yohaannis immoo mandara Enon isa Saalemitti dhi’oo...sanatti ni cuupha ture” Kallattiin iddoon kun itti argamu kan mirkanaa’ee miti.

1. Tokko tokko inni naannawa trans Jordan keessaa Perea keessa akka ture ni amanu.
2. Tokko tokko inni Samaariyaa gara kaabaatiin akka ture ni amanu.
3. Tokko tokko inni mandara Shechem irraa maayiloota sadi gara dhihaa akka turetti ni amanu,

Sababni isaas *“aenon”* jechuun *“burqaa”* jechuudha, #3 gaaritti caalaatti ni mijaa’a. Kalattii sirriin kamiyyuu haa ta’u Yesuus Yihudaa keessatti yoo tajaajilu, Yohaannis immoo Isarraa gara Kaabaatti hamma fageenya dhihoo irra ture.

3:24 “Yohaannis yeroo sanatti mana hidhaatti hingalfamne ture” dhimmi yeroo kun qaxii kanarratti dabalamuun isaa maaliif akka ta’e wanti mirkanaa’e hin jiru. Namoonni tokko tokko inni sun carraaqqii adeemsa yeroo Yohaannis Wangeelota wal fakkaatu (cf. Mat. 14:1-12; Marq. 6:14-29) wajjin walfaana adeemsisuuf carraaqqamu akka ta’e ni dubbatu. Inni hiikka lakkoofsa jireenya Kiristoos itti ba’uu akka mijeessutti ni ilaalama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 3:25-30

²⁵Yommuus bartoonni Yohaannis waa’ee quqlulleessuu irratti Yihudii tokko wajjin walitti falmuutti ka’an. ²⁶Bartoonni sun gara Yohaannis dhufanii “Yaa barsiisaa, inni gama Yordaanositi si wajjin ture, atin immoo dhugaa baateef sun kunoo, ni cuupha; hundumtinuus gara isaa dhaqaa jiru” jedhanii itti himan. ²⁷Yohaannis yommuus deebisee, “Namni yoo Waaqa irraa isaaf kenname malee, waan tokko illee fudhachuu hin danda’u. ²⁸Ani Kiristoos miti, garuu fuula Isaa duran ergame” jedhee akkan dubbadhe, isin ofii keessanii dhugaa anaaf baatu. ²⁹Misirroo kan manaa qabu inni dhirsa misirrooti miinjeen inni isa dhaggeeffatu garuu sagalee dhiira misirroo dhga’uutti guddaa ni gammada, anis akkuma kanatti gammachuun koo amma guutuu ni ta’a, ³⁰Inni sun guddachaa adeemuun ni ta’aaf, ani garuu xinnaachaa adeemuun anaaf ni ta’a” jedhe.

3:25 “yommuus bartoonni Yohaannis ...Yihudii tokko wajjiin walitti falmuu” (NASB, NRSV, NJB) jalqabaniin *“falmii”* ykn *“atakaaroo”* dhaaf jecha baa’ee cimaadha. Barreeffamoonni Giriikii tokko tokoo *“Yihudoota”* Daneessaa ni qabu. Barreeffamoonni warra Giriikii durii wal qixa qoodamanii jiru. Sababni isaas LEEAAN caalaatti kan hin baratamneedha, (i.e MSSp²⁵, ²A,B,L,W), inni isa sirrii ta’uu ni danda’a. UBS⁴ sadarkaa *“B”* ni kennaafi (innis irra jireenyi isaa sirriidha). Fedhii barreessitoota durii kitaabicha qindeessuu fi mijaa’aa gochuuf ture. Bartoonni Yohaannis mormii kana kaasuu danda’uun isaanii yaada keessa galchuunis waan namatti toluudha.

▣

NASB,NKJV

NRSV,NJB

“waa’ee quqlulleessuu”

TEV

“dhimma qulqulleessuu hoggayyuu

Waa’ee xiyyeeffannaa falmii kanaa ti’ooriiwwan danuutu jira ture (NKJV)

1. Bartoonni Yohaannis waa’ee walitti dhufeenya akkuma aadaa qulqulleessuu warra Yihudaa walitti firoomsan Yohaannis cuuphaatii fi Yesuus mari’achaa turuun isaanii wanta ta’uu danda’u, jechi walfakkaataan 2:6 keessattis faayidaarra ooleera.
2. Tokko tokko inni sun barreeffama fuullee jiru isa Yesuus jireenyi fi tajaajili Isaa guutamee ture barsiisaa turuu wajjiin walitti dhufuu isaa ni amanu.
 - a. 2:1-12 ayyaana cidha Qaanaa
 - b. 2:13-22, quqlulleessuu mana qulqulummaa
 - c. 3:1-21, mare Niqodimos, dura bu’aa warra Yihudootaa wajjin taasifame,
 - d. 3:22-26 qulqulleessuu Yihudootaa fi Yohaannis cuuphaa fi Yesuus

Dhufaan inni barreeffamichi addatti mare addaa kanarratti bal'achuu dhiisuun Yohaannis cuuphaan waa'ee hunda caalaa ta'uu Yesuus nama Naazireet dhugaa ba'uuf dhugaa isa carraa kan biraa kenne irra irra ni xixxuqe.

3:26 “Inni atis immoo dhugaa baateef sun kunoo, ni cuupha, hundumtinuus gara Isaa dhaqaa jiru” Bartoonni Yohaannis, dhugaa ba'uumsa Yohaannis waa'ee Hoolaa Waaqayyoo (cf. 1:19-36) ni yaadatani, akkasumas immoo isaan karaa ifatti mul'atuun milkaa'ina (raajayeessa) Yesuus irratti inaaffaa ni mul'isani. Yesuusiis hafuura wal morkii irratti itti dhaga'ama ture (cf. 4:1).

3:27 “Namni yoo Waaqa irraa isaaf kenname malee, waan tokko illee fudhachuu hin danda'u” Inni kun mirkaneeffannaa cimaa fuullee isa dhimmoota hafuura keessa wal morkiin akka hin jiraanne argisiisuudha. Wanti amantoonni qaban hundinuu ayyaana Waaqayyootiin kennameefi. Haa ta'u malee, hiika “isa (it)” fi “isaaf (him)” jedhu gidduutti mare guddaan ni jira ture.

1. Tokko tokko “inni (him)” amantoota ni eera “inni (it)” nama fayyinaaf gara Kiristoos dhufaa jiru (Kaka'uumsa Waaqayyootiin, namoonni qofaan deebii kennuu ni danda'u, cf. 6:44,65) ni eera jedhu.
2. Kanneen biroo “inni (him)” Yesuusiin yoo eeru “inni (it)” immoo amantoota akka eerutti ni amanu (cf. Yoh. 6:39; 10:29; 17:2,9,11, 24). Araagarummaan ilaalchoota lamaan kanniin gidduu jecha “kenname” jedhu isa yookii fayyina amanaa tokkoon tokkoo eeruu yookii immoo amantoonni hundinuu ofii isaaniitiif Waaqayyorraa Yesuusiif kan kennaman ta'uu isaanii kan eeru ta'uu ni danda'a (cf. 17:2).

3:28 “ani Kiristoos miti” Yohaannis cuuphaan keessattu akkuma 1:20 keessatti godhe nama misihii dhufuutti jiru tokkoof haal amijeessaa ta'e malee inni Masihicha akka hin taane sirritti ni mirkaneessa. Inni kun dubbisoota raajii Mi. 3:1; 4:5-7, Isa. 40 (cf. Yoh. 1:23) wajjin walitti hidhamaniif ibsa ifa ta'eedha. Yaadannoo “Masihii” 1:41 irratti ilaalaa.

3:29 “Misirroo kan manaa qabu inni dhirsa misirrooti” Inni kun wanta nama hawwatu bakka buusa gaa'illaa isa walitti dhufeenya Waaqayyoo fi Isiraa'el gidduu jiru ibsaa jiran Kakuu Moofaa(cf. 54:5; 62:4,5; Er. 2:2; 3:20; His. 16:8; 23:4; Hos. 2:21)dha. Phaawuosis Efe. 5:22 ff keessatti itti ni fayyadama. Gaa'ili kiristiyaanaa tarii fakkeenya hammayyaa walitti dhufeenya kakuu gaarii ta'uu ni mala.

▣ **“akkuma kanatti gammachuun koo amma guutuu ni ta'a”** MAQAAN “gammachuun” fi GOCHIMNI “gammaduun” waraabii kana keessatti si'a sadii horiirra oolani. Hafuura waldorgommii qabaachuura, Yohaannis cuuphaan ifumaan ifatti iddoo isaa hubatee Yesuusitti ni gammade.

3:30 “Inni sun guddachaa adeemuun ni ta'aaf, ani garuu xinnachaa adeemuun anaaf ni ta'a” Jechi “ni ta'a” (dei)n asirratti kan waa ibsuudha. Inni durseetumaa 3:14 fi 4:4 keessatti faayidaarra ooleera. Inni ofii isaa hubachuu Yohaannis akka tajaajila guddaa fi caalaatti adda ta'ee Yesuusiif haala mijeessaa ta'uu isaa mirakneessu isa cimaadha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 3:31-36

³¹Yohaannis itti fufee “Inni olii dhufu hundumaa irra jira, namni lafa kanaa kanuma lafaati, waa'ee isa lafa irraa dubbata, inni Waaqa irraa dhufu hundumaa irra jira. ³²Isa arge is adhaga'e sanas dhugaa ni ba'a, isa Innidhugaa ba'us homtinuu hin fudhatu. ³³Isa inni dhugaa ba'u kan fudhatu immoo, Waaqayyo dhuga-qabeessa akka ta'e mallattoodhaan cimseera. ³⁴Inni Waaqayyo isa erge dubbiidhuma Waaqayyoo dubbata, Waaqayyo Hafuuricha safara mae ni kenna'o. ³⁵Abbaan ilma isaa ni jaal'ata, ³⁶Namni Ilma Waaqayyootti amanu, jireenya bara baras qaba; ilma Waaqayyoof kan hin abboomamne garuu jireenya hin argatu, dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee” jedhe.

3:31-36 Waraabbiiwwan kunniin

1. Mirkaneeffannoowwan haasaa Yohaannis cuuphaa akka ta'anitti
2. Jechoota Yesuus (cf. 3:11-12)
3. Kan Yohaannis Bartichaa akka ta'aniif kaan namoota yaada adda addaa kennan gidduu mareewwan danuun ni jiru ture.

Waraabbiileen kunniin gara ergaa ww. 16:21tti ni deebi'u.

3:31 “Inni olii dhufu” Inni adda baasa isa taayitaawwan/aangoowwan dursee jiraachuu Isaa fi Waaqummaa guutuu Masihicha addeessuuf faayidaarra oolan (w. 31 keessatti hojiirra oole) fi foon uffachuu Isaa fi ergama Waaqayyoon kenname (w. 34 keessatti hojiirra oole)dha. Jechi “olii” jedhu jecha gaalee “lammaffaa dhalachuu” ykn “olii dhalachuu” w.3 keessaatiin jecha walfakkaatuudha.

Wantoota lama, olii fi gadii bulchiinsa Waaqayyoo fi bulchiinsa dhala namaa lafarraa wal bira qabuun amala Yohaannisi. Inni hiika wantoota lamaan waa’ee du’aa fi firdii qoo’atan Marfata Galaana Du’aatirraa adda. Inni dabalataanis wantoota lamaan warri Beektota wal bira qaban kan hafuura fi kan wantootirraayillee adda. Yohaannis keessatti uumanni ofii isaatiif akkasumas dhagni namaa keessatti fi ofii isanaii keessatti hammeenya ykn cubbuun hin argamu.

▣ **“hundumaa irra...hundumaa irra”** kutaan jalqabaa waraabii kanaa Waaqummaa fi dursee jiraachuu Yesuus, Waaqarraa dhufaa jiruu ni ibsa (cf. 1:1-18; 3:11-12). Kutaan lammaffaan waraabbiichaa Inni uumama Waaqayyoo irra akka jiru ni mirkaneessa. Inni kitaaba Giriikii irraa “hunda” kan jedhu MASCULINE ykn NEUTER, dhala namaa hunda ykn wantoota hunda eeraa jiru ta’eef kaan addaan baasuuf wanti mirkanaa’e hin jiru. “Hundinmaa irra” lammaffaan kitaabota Giriikii tokko tokko keessatti hin barreeffamne. USB⁴ hunda dabaluu isaa irratti murteessuu hin danda’u, garuu immii, agarsiisni qeeqa dubbisichaa (Appendix lama ilaalaa) hunda dabaluu isaa ni eera.

▣

NASB “namni lafa kanaa kanuma lafaati, waa’ee isa lafa irraa dubbatas”
NKJV “inni lafa kanaa kanuma lafaai, waa’ee isa lafa irraa dubbatas”
NRSV “inni lafa kanaa kanuma lafaati, waa’eedhuma wantoota lafaat dubbatas”
TEV “Inni kanlafaa kanuma lafaatii, waa’eedhuma wantoota lafaat dubbatas”

Inni kun waa’ee Yohaannis ibsa negaatiivii ta’ee miti. Jechi asirratti lafa jedhame kun (ge, 12:32, 17:4; 1Yoh. 5:8, garuu imoo Mul’ata keessatti si’a 76) jecha “biyya lafaa” (kosmos) isa yeruma hunda Yohaanniisiin karaa negaatiiviin faayidaarra ooleen tokkoo miti. Inni kun salphaadhumaatti, yommuu dhalli namaa hundi waa’ee waan beekanii, waa’ee lafaa dubbatan Yesuus waa’ee waan beekuu Waaqaa akka dubbate kan mirkaneessuudha. Kanaafuu, dhuga ba’uumsa Yesuus kan raajota ykn lallabdoota lafaa kamiiniyyuu baay’ee baay’ee kan caaludha (cf. Ibr. 1:1-4)

3:32 “Isa arge is adhaga’e sanas dhugaa ni ba’a” Waraabii kana keessatti HIMOOTTA GOCHIMAA irratti taphni tokko ni jira. (1) “isa arge” PERFECT TENSE DHA, (2) “isha dhaga’e” AORIST TENSE dha; akkasumas (3) “dhugaa ni ba’a” PRESENT TENSE dha. Yesuus mul’ata Waaqayyoo isa yoomiyyuuti (cf. 1Qor. 8:6, Qol. 1:13-20; Ibr. 1:2-3). Inni waa’ee (1) muuxanoo Isaa dhuunfaa Waaqayyoo Abbaa wajjin qabuu fi (2) Waaqummaa dhuunfaa Isaa ni dubbata.

▣ **“isa Inni dhugaa ba’us homtinuu hin fudhatu”** Inni kun hubachiisa ibsaa oliiti sababiin isaas ww. 23-26 namoonni danuun gara Isaa dhufaa akka turan ni argisiisu. Gaaleen kun akka guutuutti amantii Yihudii (cf. 3:11) ni eera, dubbisuma fuulleetti mul’atu miti.

3:33 “Isa Inni” Inni kun jaalala Waaqayyoo daangaa hin qabne, safara hin qabne dhala namaa hundaaf qabu ni argisiisa. Wangeela Waaqayyootiin walqabatee sochiin iddoo tokko bakka biraatti godhamu waan ittisu ykn to’atu hin jiru, namni qalbii diddiirrachuu fi amanuu qofaatu isaaf ta’a (cf. Marq. 1:15, HoE 20:21), garuu immoo affeerrichi hundumaafuu banaadha (cf. 1:12; 3:16-18; His. 18:32,32; Yoh. 3:16; 4:42; 1Xim. 2:4; Tit. 2:11; 2Phex. 3:9; 1Yoh. 2:1; 4:14).

▣ **“dhuga ba’u kan fudhatu”** Waraabii 33 AORIST PARTICIPLE dha, w. 36 yommuu PRESENT PARTICIPLE ta’u. Inni kun fayyinaaf Waaqayyoo abdachuun murtiin jalqabaa qofaa otuu hin ta’in, dabalataanis jireenya brtummaadhaasi. Mirkaneeffanaan walfakkaatu fedhii fudhatama argachuu kun asiin duras 1:12 fi 3:16-18 keessattis ibsame ture. Garaa garummaa dhuga ba’uumsa fudhachuu (w. 33) fi isa irratti haffaa (w. 36) gidduu jiru qalbeeffadhaa. Jechi “fudhachuu” akkuma jedha ‘amatnii” Kakuu Haaraakeessatti hiika isaatii ala yaadota lama of keessaa qaba.

1. Dhunfaadhaan Kiristoos fudhachuu fi Isatti hafuu

2. Dhugaawwanii fi barsiisota amantii Wangeela keessatti hammataman fudhachuu (cf. Yihudaa, 3,20).



NASB
NKJV,NRSV
TEV
NJB

“Waaqayyo dhuga-qabeessa akka ta’e mallattoodhaan cimseera:
“Waaqayyo dhuga qabeessa akka ta’e mirakneeffateera”
“kanaan Waaqayyo dhuga qabeessa akka ta’e mirakneeffateera”
“jabeeffateeraa Waaqayyo dhuga qabeessa akka ta’e”

Amantoonni yommuu abdiidhunfaa isanaii Kiristoos irratti gatan, waa’ee ergaa isa Waaqayyo waa’ee ofii Isaa, biyyaa lafaa, dhala namaa fi ilma Isaa ni mirkaneeffatu (cf. Rom. 3:4) Inni kun dhaamsa Yohaannis keessatti irra deebi’ameedha, (cf. 3:33; 7:28; 8:26; 17:3) 1Yoh. 5:20). Yesuus dhugaadha, sababni isaas Inni hanqina tokko malee Waaqa Isa tokkicha ni ibsa. (cf. 3:7, 14; 19:11).

GOCHIMA “mallattoo” (AORIST ACITIVE INDICATIVE) dhaaf Mata Duree Addaa armaan gadii ilaalaa.

MATA DUREE ADDAA: MALLATTOO

Mallattoon tarii kara adur durii

1. Dhugaa (cf. Yoh. 3:33)
2. Abbummaa (cf. Yoh. 6:27; 2Xim. 2:19; Mul. 7:2-3)
3. Wabii ykn eegumsa (cf. Uma. 4:15; Mat. 27:66; Rom. 15:28, 2Qor. 1:22; Efe. 1:13; 4:30 ittiin argisiisan ta’uu ni mala,
4. Inni dabalataanis mallattoo dhugaa ta’uu abdiidkakuu kennaa Waaqayyoos ta’uu ni mala (cf. Rom. 4:11 fi 1Qor. 9:2)

Kaayyoon maallattoo kanaa dheekkamsi Waaqayyoo akka isaan hin arganneef saba Waaqayyoo addaan baasuufi. Mallattoon seexanaa saba isaa kanneen dheekkamsa Waaqayyootiif qophaa’an addaan ni baasa. Mul’ata keessatti “gidiraan” (i.e thipsis) yeruma hundumaa ari’achuu warri hin amanne warra amanan ari’ataniidha, yommuu dheekkamsi/loluun (i.e. *Orgē* ykn *thumos*) yeruma hunda warri hin amanne akka tarii qalbii diddiirratanii amantii Kiristoositti akka deebi’aniif firdii Waaqayyooti. Kaayyoon pozatiiviin firdii kun kakuu abaarsotaa/eeboota keessa Deebii 27-28 keessatti mul’achuu ni danda’a. Gaaleen “Waaqayyo jiraataan” aangoo YHWH irratti tapha jechaa ti (cf. Ba’u 3:14; Far. 42:2; 84:2; Mat. 16:16). Jechi walfakkaataan kun “akkuma Gooftaan jiraatu” kakuu Macaafa Quqlulluu keessatti yeruma hunda ni

3:34 “Inni Waaqayyo Isa erge dubbiiidhuma Waaqayyoo dubbata” w. 34 keessatti ibsitoonni wal maddii deeman kanneen aboon Yesuus Waaqayyo irraa dhufuu isaa argisiisan lamatu jira.

1. Waaqayyo Isa ergeera
2. Inni guutummaa Hafuura ni qaba.

▣ **“Waaqayyo Hafuuricha safara malee ni kanna’o”** Ibsi kun jechumaa fi jechaan tooftaa ganuutini garuu immoo dubbiftoota Ingiliffaatiif akaakuu posatiivii hiika isaa ni qabata. Hafuuraan guutamu kana karaa hubannaa adda addaa lamatu jira. Tokko tokko

1. Yesuus amantootaaf hafuuraan guutamu ni kenna (cf. 4:10-14; 7:37-39)
2. Hafuuraan guutamuun kennaa Masihichaa Waaqayyoo ni eera (cf. w.35) jedhanii ni amanu.

Barsiistonni amantii fi seera Yihudootaa jecha “safara” jedhu kaka’uumsa raajotaa Waaqayyoo ibsuudhaaf itti dhimma ba’an. Barsiisonni dabalataaniis raajiin tokkoyyuu safara guutuu Hafuura akka hin qabne ture itti dabalani ni dubbatu. Kanaaf; Yesuus raajootaafis ol aanaadha (cf. Ibr. 1:1-2) akkasumas, sababuma kanaan Inni mul’ata Waaqayyoo guutuudha.

3:35 “Abbaan Ima Isaa ni jaal’ata” Mirkaneeffannaan kun 5:20 fi 17:23-26 keessatti irra deebi’amee jira. Walitti dhufeenyi amantootaa Waaqayyoo wajjin qaban jaalala Isaa Masihichaaf qabu irratti argama (Ilma adda ta’e, cf. Ibr. 1:2; 3:5-6; 5:8; 7:28). Lakkoofsa sababoota dubbisa kana keessatti ibsaman keessatti maaliif akka dhalli namaa Yesuus akka Masihii akka amanan yaada keessa galfadhaa.

1. Sababni isaas Inni olii fi kanneen biroo irraa oli waan ta’eef (w.31).
2. Sababni isaas Inni ergama qulqulleessuu/araarsuutiif (w.34).
3. Sababni isaas Waaqayyoo guutummaa Hafuura Isaaf kennuuf itti ni fufa (w. 34)
4. Sababni isaas Waaqayyoo isa ni jaalata (w. 35)

5. Sababni isaas Waaqayyoo wanta kamiyyuu harka Isaarra kaa'eera (w. 35).

“Jaalala” isa walitti dhufeenya namaa adda addaa argisiisuuf jechoota Giriikii danuutu jira. *Agapaō* fi *phileō* walirra bu'uu xiinhiikaa ni qabu. Lamaaniyyuu jaalala Abbaan Ilmaaf qabu ibsuuf faayidaarra oolu.

1. 3:35; 17:23,24,26 - *agapaō*

2. 5:20 – *phileō*

Haasaa Yesuus Pheexiroos wajjin 21:15-17 keessatti taasise keessatti garaagarummaan ilaalcha kan jiru wayii ni fakkaata. Yaadadhaa, “Ilaalcha, ilaalcha, ilaalcha” galmee jechootaa/hiiktuuwwanii hiikkaawwan jechootaa hiikanii miti!

▣ **“waan hundumaas harka isaatti kenneera”** Inni kun PERFECT ACTIVE INDICATIVE dha. Inni kun humna ykn aboo kan birootirratti qabanuuf bakka buusa warra Ibrootaati. (i.e. 10:28; 13:3; HoE. 4:28; 13:11). Inni kun gaalee baay'ee namatti toluu fi cinaayyaawwan danuus qabuudha (cf. Yoh. 13:3; 17:2; Mat. 11:27; 28:18; Efe. 1:20-2; Qo. 2:10; 1Phex. 3:22).

3:36

NASB “Namni Ilma Waaqayyootti amanu, jireenya bara baraa qaba; ilma Waaqayyoof kan hin abboomamne garuu jireenya hin argatu”

NKJV “Namni Ilma Waaqayyootti amanu jireenya baraa hamma baraa ni qabaata, kan Ilmatti hin amanne immoo jireenya hin argu!”

TEV “Inni Namni Ilma Waaqayyootti amanu jireenya baraa hamma baraa ni qabaata, inni Ilma Waaqayyoottiif hin abboomamne garuu jireenya hin argu”

NJB “Inni Namni Ilma Waaqayyootti amanu jireenya baraa hamma baraa ni qabaata, inni Ilma Waaqayyoottiif hin abboomamne garuu jireenya hin qabaatu”

GOCHIMOONNI kunniin hundinuu PRESENT ACTIVE isa gochaa itti fufeenya qabu argisiisuudha. Hammamiyyuu wantichi hammam amanamaa ykn kan miiraan/tasa ta'ulee amanuun murtii si'a tokkoo kan caaluudha (cf. Mat. 13:20). Inni kun namni tokko otuu Yesuus hin beekin, Abbaa beekuu akka hin dandeenye ni mirkaneessa (cf. Yoh. 12:44-50 fi 1Yoh. 5:10). Fayyinni gara walitti Yesuus, Ilmaa walitti fufeenya qabu qofaanii (cf. 10:1-8; 14:16).

PRESENT TENSEn waa'ee gochaa itti fufeenya qabuu qofaa otuu hin ta'in, waa'ee dhugaa fayyinaa eyroo ammaatis ni dubbata. Inni sun wanta amantoonni amma qabanidha, garuu immoo inni guutummaan guutuutti faayidaarra kan oole miti. Inni cimdii “dursee” fi “siichii” baroota lamaati (Mata Duree Addaa: Bara kanaa fi Bara dhufuu 1Yoh. 2:17 irratti ilaalaa). Kanaaf duree Addaa Ibsa Gochimaa Fayyinaaf fayyadan 9:7 irratti ilaalaa.

Dabalataaniis wal bira qabuu “amanuu” fi “abboomamuu” waraabbii kana keessaa yaada keessa galchuunis wanta namatti toluudha. Wangeelli nama isa nuyi fudhannuu fi dhugaa nuyi fudhannuu miti, dabalataanis jireenya nuyi jiraannu malee (cf. Luq. 6:46, Efe. 2:8-10).

▣ **“dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee”** Inni kun barreeffamoota Yohaannis keessatti iddoo tokkicha (Mul'ata keessatti si'a 5 irraa kan hafe) jechi “dheekkamsa” (*orgē*) itti mul'atuudha. Yaadichi kanuma baratamee fi yeruma hundaa kan jecha “firdii” wajjin walitti firoomeedha. Inni kun PRESENT ACTIVE INDICATIVE dha. “Amanuu” “abboomamuu” fi “dheekkamsi” dhugaawwan itti fufeenya qaban yeroo ammaati fi fuulduratti faayidaarra oolaniidha. Inni kun dhimma walfakkaataa “dursee” fi “siichii” Mootummaa Waaqayyoo gidduutti argamuudha. Maree Macaafa Qulqulluu guutuu dheekkamsa Waaqayyootiif Rom. 1:18-3:20 dubbisaa.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Akkuma Yohaannis cuuphaa Ergaan yesuus jalqabarraa akkami?
2. Cuuphaan kun cuuphaa kiristiyaanaatiin tokkoo?
3. Jechoonni Yohaannis cuuphaa baniinsa boqonnawwan jalqabaarratti kan baay'ee xiyyeeffannaa argataniif maaliif?
4. Lakkoofsaa fi bifoote wal bira qabuu isa Yohaannis barreessichi walitti dhufeenya/firooma Yohaannis cuuphaa fi Yesuus ibsuuf itti fayyadamu ibsaa.
5. Jechi “fudhachuu” jedhu w.33 keessaa akkamittiin jecha “amanuu” jedhu w.36 wajjin walitti firoomee? Attamittiinii jechi “abboomamuu dhiisuu”n w.36 keessaa kan mare kana wajjin kan walitti firoomee?
6. Namoonni akka Yesuus nama Naazireet akka abdii fayyinaa isaanii isa tokkichaatti kan amanuun isaanii ta'u maaliif akka ta'e sababoota maqaa dhahaa?
7. Jechi “dheekkamsa” waraabbii 36 keessaa maaliif akka PRESENT TENSE VERB akka ta'e ibsaa.

YOHANNIS 4

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDA'A'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yesuusii fi Dubartii Samaariyaa	Dubartii Samaariyaa Masihii Ishee ni argatti	Yesuusii fi warra Samaariyaa	Warra Samaariyaa gidduudhaa Yesuus	Warra Samaariyaa gidduudhaa Yesuus
4:1-6	4:1-26	4:1-6	4:1-4 4:5-6	4:1-10
4:7-15		4:7-15	4:7-8 4:9 4:10	
			4:11-12 4:13-14 4:13-14	4:11-14
4:16-26		4:16-26	4:15 4:16 4:17a 4:17b-18 4:19-20	4:15-24
			4:21-24 4:25	4:25-26
4:27-30	Makara Addeeffame 4:27-38	4:27-30	4:26 4:27 4:28-30	4:27-30
4:31-38		4:31-38	4:31 4:32 4:33	4:31-38
	Fayyisaa Biyya lafaa		4:34-38	
4:39-42	4:39-42	4:39-42	4:39-40 4:41-42	3:39-42
Fayyuu Ilma Hojjetaa Mootii	Galiilaatti simannaa Gaarii	Yesuusii fi Ormoota	Yesuus Ilma Hojjetaa mootii ni fayyisa	Yesuus Galiilaa keessatti
4:43-45	4:43-45	4:43-45	4:43-45	4:43-45
	Mucaan sanyii moototaa ni fayye			Qulqullaa'uu Ilma Hojjetaa Mootii
4:46-47	4:46-54		4:46-48 4:49 4:50-51 4:52-53 4-54	4:46-53 4:54

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA A ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'anna Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

ILAALCHA DUBBISA KEESSAA WARAABBILEE 1-54

- A. Qindoominni faayidaa qabeessi tokko boqonnaawwan 3 fi 4 keessa ni jira.
 1. Namticha abbaa Amantii (Niqaodimoos) fi Dubartii Waata (dubartii boolla bishaan biraa)
 2. Amantii Yihudaa Yerusaleem bu'ureeffate (Ortodoksii) fi amantii Yihudaa Samaariyaa (kan shakkiidhaan guutame)
- B. Dugaawwan waa'ee namummaa fi hojii Yesuus caalaatti
 1. Haasaa dubartii boolla bishaanii biraa gidduutti taasifameen (ww. 1-26).
 2. Haasaa bartoota Isaa wajjin taasifameen (ww. 27-38)
 3. Dhuga ba'uumsa namoota naannoo (ww. 39-42);
 4. Warra Gaiaatiin fudhatama argachuu (ww. 43-45);
 5. Mallattoo/raajii dhukkubsattootarratti humni Yesuus argisiise, ww. 46-54

QO'ANNOO JECHAA FI GAALAA

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) NASB 4:1-6

¹Yesuus yommuu Yohaannis irra kan caalu bartoota dabalachaa, cuuphaas akka ture warri Fariisotaa dhaga'uu isaanii, Yesuus ni bare. ²Utuma ta'uu iyyuu bartoota isaatu cuuphe malee Yesuus ofii Isaatii hin cuuphe ture. ³Kana booddee Inni kutaa biyya Yihudaa dhiise Galiilaa dhaqe. ⁴Yeroo achi dhaqu immoo Samaariyaa keessa darbuun isarra ture. ⁵Kutaa biyya Samaariyaa keessaa gara mandara Siikaar jedhamu tokko dhufe, mandarichi lafa isa Yaaqob ilma isaa Yoseefiif kennetti dhi'oodha. ⁶Bishaan boollaa Yaaqoob achi ture. Yesuus karaa adeemaa oolee waan dadhabeef, boolla bishaanii sana bukkee taa'e, yeroon isaan akka sa'aatii ja'aa ture.

4:1 “Gooftaa” Yohaannis, sammuu isaa keessatti (gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin) gochaawwan waggootaan booddee ni yaadata, “Gooftaa” fi Yesuus hima walitti dhimma ni ba'a.

Barreeffamoonni Giriikii danuun w.1 keessatti Yesuus si'a lama ni qabu, (i.e, x,D, NRSV, NJB, REB), garuu immoo “Gooftaan” MSSp ^{66, 75}, A,B,C,L (NASB, NKJV), keessatti argama. Haa ta'u malee, hiika kennanillee UBS4. “Yesuus” kitaaba keessa kaa'ee sadarkaa “C” (murteessuuf isa ulfaataa ta'e) ni kenna.

☐ **“Fariisota”** Mata Duree Addaa: 1:24 irraa ilaalaa.

☐ **“Yohaannis irra kan caalu bartoota dabalachaa, cuuphaas akka ture warri Fariisotaa dhaga'uu isaanii”** sababa dhiphina hordofoonni Isaatii fi hordofoonni Yohaannis cuuphaa warra Fariisotaatiin bitinnaa'uu isaan gidduu jiraachuu danda'eef Yesuus iddoo kana ni godhiise. Wangeelonni walfakkaatan Inni kan iddicha gadhiise sababa Herod Antipas Yohaannis cuuphaa mana hidhaatti darbateef akka ta'e ni dubbatu (cf. Mat. 4:12; Mar. 1:14; Luq. 3:20).

4:2 “Yesuus ofii Isaatii hin cuuphne ture” Inni kun cuuphaa irratti tuffachuu miti (cf. Mat. 28:19; HoE. 2:38; 8:12; 16:33; 22:16), sirumaayyuu ofittuummaa uumama dhala namaatiif beekantummaa kennuudha (i.e “Ani Yesuusiiniin cuuphame” ykn Phaawuloosi cf. 1Qor. 1:17). Ifumaan ifatti Yesuus yeroo jalqaba ergama Isaa jalqabaatti cuuphee ture (cf. 3:2) garuu immoo booddeerra ni dhaabe. Yohaannis ibsoota dogoggoraa warra Farsiisotaa sirreessaa ture.

4:3 “Yihudaa dhiisee Galiilaa dhaqe” Kunniin AORIST ACTIVE INDICATIVE yoo ta’an socho’ansa iddoodhaa iddoo Yesuus ni addeessu.

4:4 “Samaariyaa keessa darbuun isarra ture” “Isarra tureen” GOCHIMA Giriikii dei, isa yeroo danuu dubbisa kana keessatti faayidaarra ooleedha. (cf. 3:7, 14, 30). Inni yeroo baay’ee “ta’uu qaba” ykn “baay’ee barbaachisaatti” ni hiikama. Karaa kana keessatti Yesuusiif kaayyoon Waaqummaa tokko ni jira. Haa ta’u malee malee, Yihudoonni biyya Yihudaa Samariyaa ni jibbu ture. Waan ta’eefis sababa isaan akka namoota amantiin isaanii walitti makameetti waan yaaddamaniif lafa isanitiirra hin deeman turani.

MATA DUREE ADDAA: SANYIIN WALQOODUU

I. Seensa

- A. Inni kun ibsa dhala namaa kufeen hawaasa isaa keessatti addunyaa guutuu irratti mul’atuudha. Inni kun ofittuummaa dhala namaa, ofii isaa dudda namoota kan birootiirratti gargaaruudha. Sanyiin adda ba’uun karaa adda addaatiin dhimma hammayyaati, wayita gosummaan (naannummaan) addaan qoodamuun caalaatti ibsa yeroo durii ta’ullee.
- B. Naannummaan (saba garaa garaa) Baabiloonitti jalqabe (Uumama 11) akkasumas immoo inni ijoollee Nooh sadan isa sanyiiwwan dagaagan jedhaman (Uumama 10) wajjin sirrumatti kan walitti firoomee ture. Haa ta’u malee, dhalli namaa burqaa tokkoo akka ta’e caaffata irraa ifa kan ta’eedha (cf. Uumama 1-3, HoE 17:24-26).
- C. Sabaan walqooduun ilaalchota gadhee keessaa is atokkoodha. Kanneen biroo (1) of tulummaa barnootarraa ka’e (20 diinagdee hawaasaatiin anatu jira jechuu (3) seerummaa amantiitiin anumatu qulqulluudha jechuu; fi (4) barsiisota amanti siyaasaa walqabsiisuu

II. Meeshaa Macaafa Quqlulluu

A. Kakuu Moofaa

1. Uma. 1:27 Dhalli namaa, dhiirri fi dubartiin, kan isaan adda isaan godhu, akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti uumamani. Inni dabalataanis gatii qabeessotaa fi kabaja dhuunfaa dhuunfaa isaanii ni argisiisa (cf. Yoh. 3:16).
2. Uma. 1:11-25 gaalee “gosa isaanitiin booda” isa jedhu si’a kudhan ni galmeessa. Inni kun addaan qoodamuu sanyii deeggaruudhaaf faayidaarra kan ooleedha. Haa ta’u malee, dubbisicha irraa ifatti akka hubanuutti inni kan eeru beeladootaa fi biqiltuuwwan malee namoomaa miti.
3. Uma. 9:18-27n Inni kun to’annaa sanyii deeggaruuf faayidaarra oola. Waaqayyo kana’an akka hin abaarre yaadatamuutu isaaf ta’a. Noh, akkaayyoon isaatu of wallaaluu machiitirraa erga damaqeen booddee isa abaare. Waaqayyo abaarsa isaa akka mirkaneesse Macaafni Qulqulluun gonkumaa hin galmeessine. Otuu Inni sunuu godhee, inni kun sanyii dhala namaa gurracha hin miidhu. Kana’an abbaa kanneen Filisxeem fi agarsiisa ogummaa keenyaan Misiraa keessa jireenya isaanii godhanii fi warra gururraa hin turreedha.
4. Iyyaasuu 9:23 Inni kun sanyiin tokko isa kan biraa akka tajaajilu mirkaneessuuf faayidaarra oole. Haa ta’u malee, dubbisa keessatti, warri Geebe’oon akkuma warra Yihudootaa sanyii walfakkaatan turani.

B. Kakuu Haaraa

a. Wangeelota

- a. Yesuus jibba Yihudootaa fi warra Samaariyaa gidduu jiru, isa waljibbiinsi sanyii akka gaarii hin taane argisiisu fakkeeniyota danuu irratti waa’ee ni ba’a.
 - (1) Fakkeenya namicha Samaariyaa Gaarii (Luq. 10:28-37).
 - (2) Dubartii boolla bishaanii biraa (Yohaannis 4)
 - (3) Nama dhukkuba qabuu fi galateeffatu (Luq. 17:7-19)
- b. Wangeela dhala namaa hundaa fi

- (1) Yohaannis 3:16
 - (2) Luqaas 24:46-47
 - (3) Ibroota 2:9
 - (4) Mul'ata 14:6
- c. Mootummaa Waaqayyoo sanyii namaa hundaa of keessatti ni hammata
- (1) Luqaas 13:29
 - (2) Mul'ata 5
 - (3) Hojii Ergamootaa
 - a. HoE 10 jaalala Waaqayyoo iddoo hundaatirrattii fi ergaa wangeelaa addunyaa guutuu irratti dubbisa ifatti ibsuudha.
 - b. Pheexiroos gochaa isaatii fi kan HoE 11 keessatti miidhame akkasumas immoo rakkinni kun hamma Manni Maree Yerusaaaleem (walga'iin) HoE 15 taasifamee gara furmaataatitti hin dhufin hin furamne ture. Dhiphinni Yihudootaa fi Omroota gidduu jaarraa tokkoffaa keessa ture baay'ee bal'aa ture.
 - (4) Phaawuloos
 - a. Kiristoositti wantoonni nama ittisan hin jiranu,
 - (1) Gal. 3:26-28
 - (2) Efe. 2:11-22
 - (3) Qol. 3:11
 - b. Waaqayyoo namoota dhuunfaa kan kabaju miti
 - (1) Rom 2:11
 - (2) Efe. 6:9
 - (5) Pheexiroosii fi Yaaqob
 - a. Waaqayyoo namoota dhuunfaa kan kabaju miti 1Phex. 1:17
 - b. Sababnii isaas Waaqayyoo dimshaashumattis ta'ee namoota Isaatiif wanta argisiisu miti, Yaq. 2:1
 - (6) Yohaannis
 - a. Ibsoota itti gaafatamoota amantootaa cimaa keessaa inni tokko 1Yoh. 4:20 keessatti argama.

III. Guduunfaa

- A. Sanyiin walqooduun, ykn wantootaaf, ilaalcha gadheerraa kam irraayyu kan ka'een nama addaan baasuun, walumaa galatti ijoollee Waaqayyootiif aarii miti. Asirratti jecha Henlee Bernette Glorieta, Meeksikoo Haaraa keessatti bara 1964 Christian Life Commission dhaaf kan dubbate irraa kun luqqifame kunoo.
- “Sanyiin walqooduun sahkkiirraa kan ka'e sababni isaas inni Macaafa Qulqulluu fi kiristiyaanummaarraan ala kan ta'eedha, karaa saayinsawaa hin taaneenis kan eeramu miti!
- B. Rakinni kun kiristiyaanotaaf carraa jaalala kiristiyaanummaa, gara laafummaa fi biyya lafaa bade hubannoo akka argisiisan isaan gargaara. Diddaan kiristiyaanummaa iddoo kanaa amantii wabii fi guddina amanaa dadhabaa tokkoo irratti bilchina dhabuu fi gochaa hammeenyaa. Inni dabalataanis hojii namoota badan gara Kiristoositti dhufaa jiran ittisuudhasi.
- C. Maaliin gochuu danda'a? (kutaan kun tiraaktii Christian Life, Commission mata dureen isaa “Race Relations” irraa fudhatame)
- SADARKAA DHUUNFAATIIN”**
- ★ Rakkoowwan sanyiidhaan wal qabatanii jiranu hiikuudhaaf itti gaafatama ofii keetii fudhadhu,
 - ★ Kadhannaa, qo'annoo Macaafa Qulqulluu fi walga'ii adda addaa namoota sanyii kan biraa wajjin gootuun jireenya kee ilaalcha gadhee irraa ni fooyyeessita (ni oolchita)\
 - ★ Keessattuu bakka kanneen jibba sanyii kan biraa raabsanii fi gorfamuu hin dandeenyetti waa'ee sanyiin wal qooduu ilaalchisee mormii kee argisiisi (ibsi).
- JIREENYA MAATII KEESSATTI**
- ★ Dagaagina ilaalcha gaarii sanyii kan biroo irratti maatii irratti dhiibbaa fiduun barbaachisaa akka ta'e hubadhu.
 - ★ Wanta ijoolleenii fi warri waa'ee dhimma sanyii irratti manaa alatti dhaga'an irratti haasa'uudhaan ilaalcha gaarii kiristiyaanaa dagaagsuuf barbaaduu
 - ★ Warri namoota sanyii biraa qaban wajjin walitti firoomuurratti fakkeenya kiristiyaanummaa qindeessuu qabu

★ Sarara sanyiitiin maatii hiriyummaa uumuuf carraawwan jiran barbaaduu

WALDAA KEESSAN KEESSATTI

★ Barsiisotaa fi lallaboota Macaafa Qulqulluu dhugaa ta’an sanyii (lammummaa) wajjin wal qabatan lallabuu fi barsiisuun, waldaan amantootaa hawaasa guutummaadhaaf fakkeenyummaa qindeessuuf kan dadammaqan ni ta’u.

★ Waaqeffannaan, walga’iin, ifi tajaajilli karaa waldaa kiristiyaanaa hundumaafuu banamaa ta’uu isaa mirkaneeffadhaa, hammamiyyuu waldaan kiristiyaanaa Kakuu Haaraa baa’aa sanyii homaatiiniyyuu mul’attullee (Efe. 2:11-22; Gal. 3:26-29).

“JIREENYA GUY YAA GUY YAATIIN”

★ Looguu sanyii addunyaa hojii keessaa dhaabsiisuuf gargaari.

★ Mirgootaa fi carraawwan walqixaa ta’an mirakneessuuf rakkinni waraanamuu qabu, namoota otuu hin ta’in rakkina sanyiidhaan wal qabatee jiru akka ta’e yaadachuudhaan dhaabbilee gosa kamiyyuu wajjin hojjechuuf yaali. Kaayyichi hadhummaa otuu hin ta’in hubannaa fareersuufi.

★ Ogummaadhaan, baruumsa saba waliigalaatii fi gochaawwan adda ta’aniif firummaa sanyiitirratti koree addaa waa’ee lammiiwwan hawaasa keessatti sarara walqunnamtii bananii fi dhimmamanii hundeessuu.

Seerota haqa sanyummaa tumsuu fi kanneen warra bu’aa siyaasaatiif jecha wal qoodinsaan ilaalcha gadhee uuman balaaleffachuudhaan seera tumuudhaan gargaari.

★ Seeronni looguudhaan akka hin tumamne warra humnaan seera tuman abbooti.

★ Jeequmsa irraa fagaachuu fi seeraaf kabaja kennuu akka lammii kiristiyaanaatti adeemsota seeraa raggaasisuuf namoota kanneen addaan qoodaniif meeshaa hin ta’in.

★ Hafuuraa fi yaada Kiristoos walitti dhufeenya namaa hunda keessatti uumamuudhaaf fakkeenya adda ta’e ta’i.

▣ **“Samaariyaa keessa”** Warra Samaariyaa fi warra Yihudootaa gidduu DKD jaarraa saddeettaffaadhaa kaasee wal jibbiinsi guddaan tokko ni jira ture. DKD bara 722 keessatti Gosonni kaabaa kurnan, magaalaa guddoo isaanii Samaariyaa wajjin warra Asiiroltaatiin boojiudhaan fudhatamanii gara Mediyaatti ni ari’atamani (cf. 2Mot. 17:6). Namoonni qabaman taasifamani. Filisxeem Kaabaatti akka qabatan taasifamani (cf. 2Mot. 17:24). Baroota kana keessatti namoonni amantii hin qabne kunniin namoota saba Isiraa’eel kan hafan keessaa wal fuudhani. Warri Yihudootaa warra Samaariyaa akka amantiidhaan hir’ina qabanittii fi shakkitoota ta’anitti isana yaadu ture (cf. Iz. 4:1-4). Inni kun w.9 f haala hubachiisaa ni ta’a.

4:5 “Kutaa biyya Samaariyaa keessaa” gara mandara Siikaar jedhamu tokko dhufe, mandarichi lafa isa Yaaqob ilma isaa Yosefiif kennetti dhi’oodha” (cf. Uma. 33:18,19; Iya. 24:32). Namoonni danuun mandara Siikaar Shechem dha jedhanii ni yaadu. Ta’ullee inni kun Kakuu Haaraakeessatti hin ibsamne.

4:6 “Bishaan boollaa Yaaqob achi ture” Inni kun dhugumaan boolla bishaanii gara 100l gadi qotame ture. Inni bishaan yaa’u (burqaa) hin turre, bishaan cimmifame malee. Inni Kakuu Moofaakeessatti gonkumaa maqaan hin dhahamne garuu immoo maqichi iddoo aadaa Patriarchal wajjin wal ni simata.

▣ **“Yesuus karaa adeemaa oolee waan dadhabeef”** Asitti ifumana ifatti uumama namummaa Yesuus ni argina. (cf. Lu. 2:52), garuu immoo Inni nama jaalachuudhaaf gonkumaa dadhabeef hin beeku!

▣

NASB,NKJV

JB

“yeroon isaas akka sa’aati ja’aa ture”

NSRV,TEV

“yeroonis yeroo ja’affaa ture”

Waa’ee tooftaa tilmaama yeroo Yohaannis wangeela isaa keessatti itti fayyadamee wal mormii guddaan ni jira. Tokko tokko yeroo Yihudootaa eera yoo jedhan kun immoo yeroo Roomaati jedhu. Warri Yihudootaa guyyaan isaanii sa’aatii 6am irraa jalqabu (warri Roomaa saafaa irra), Yesuus gara boollicha kan dhufe yeroo baay’ee bulluqaa, saafaa irra ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 4:7-14

⁷Dubartiin Samaariyaa tokkos bishaan waraabachuudhaaf dhufte. Yommus Yesuus “Bishaan dhugaatii anaaf kenni!” ittiin jedhe. ⁸Bartoonni Isaa nyaata bituudhaaf gara mandaraa dhaqanii turani. ⁹Dubartiin Samaariyaa sun “Attamitti ati Yihudii taatee, ana Dubartii Samaariyaa bishaan dhugaatii gaafattaa?” ittiin jette. Yihudoonni warra wajjin qoodaa tokkotti hin sooratan. ¹⁰Yesuus immoo deebiseefii “Kenna Waaqayyoo utuu beektee, Inni bishaan dhugaatii anaaf kenni!” siin jedhe kunis eenyu akka Inni ta’e utuu hubatte, silaa situ Isa kadhata, Inni immoo bishaan yeroo hundumaa jiraatu siif ni kenna ture. Jedheen Dubartiin kana irratti “yaa gooftaa, atoo waan ittiin budduqsitu hin qabdu, boolli bishaanichaa immoo gad fagoodha, bishaan yeroo hundumaa jiraatu sana eessaa fidda ree? ¹²Abbaa keenya Yaaqoob isa bishaanicha dhugee, ijoolleen isaa, horiin isaas dhuganii, boolla bishaanichaa immoo nuuf kenne ni caalta?” jetteen, ¹³Yesuus immoo, “Bishaan kana irraa kan dhugu hundinuu deebi’ee ni dheebota; ¹⁴Bishaan isa Ani kennuufiif jiru irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu, bishaan inni Ani kennuufiif jiru, isa keessatti burqaa bishaanii isa jireenya bara baratiif burqu ni ta’a’o ittiin jedhe.

4:7 “Dubartiin Samaariyaa tokkos bishaan waraabachuudhaaf dhufte” Dubartiin kun sababa isoo hawaasa mandarichaa keessatti kennamuuf irraa kan ka’e yeroo baratame irraa ala kopha ishii lafa fagoo deemtee gara boollichaa dhufte ture.

☐ **“Bishaan dhugaatii Anaaf kenni”** Inni kun AORIST ACTIVE IMPERATIVE isa miira ariifannaa hamma ta’e wayii fo keessaa qabuudha.

4:8 Waraabbiin kun haasaa dhuunfaa dubartii shakkummaa amantii Yihudiitiin tuffatamte wajjin Yesuus godhuuf waltajjiin ni bane. Inni kun yaadannoo Yohaannis akka odeeffannoo dabalataa kennuuf kennameedha.

4:9 “Attamitti ati Yihudii taatee, ana Dubartii Samaariyaa bishaan dhugaatii gaafattaa?” Warri Yihudootaa warra Samaariyaa wajjin qoodaa tokkotti akka dhuganiif isanaiif hin heyyamamne ture (cf. Lew. 15). Yesuus ba’aawwan aadaa lamaaniyyuu dhiisaa jira ture; (1) warra Samaariyaatti dubachuun (2) dubartiitti fuulleetti haasa’uu.

☐ **“Yihudoonni warra wajjin qoodaa tokkotti hin sooratan”** Odeeffannoon (NASB, NRSV) inni isa kan birootiif ibsa dabalataa ta’e Wangeela Yohaannis irraa, MSS, ⚭* fi D, keessa hin jiru, garuu immoo P^{63, 66, 75, 76}, ⚭¹, A, B, C, keessatti ni jira. UBS⁴ argama isaatiif sadarkaa (hamma ta’e) “A” ni kennaafi.

4:10 “utuu” Inni kun SECOND CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa “dhugaadhaan kan wal bira qabamu” jedhamudha. Ibsichi isa soba ta’e mul’isa guduunfaa sobaa ta’eefis kan uumameedha.

Inni kun jecha “kenna” jedhu wangeela Yohaannis keessatti faayidaarra oolu isa tokkicha. Asirratti inni Yesuus akka kenna Waaqayyo (cf. 3:16) Isa jireenya baraa kennu ni eera. Wangeela Yohaannis 7:38-39 fi HoE keessatti inni kenna Hafuura Qulqulluutiif faayidaarra oole (cf. HoE. 2:38; 8:20; 10:45; 11:17). Xiyyeeffannichi ayyaana Waaqayyoo isa namaa hin mallee fi ulfinni hin kennamneef isa Kiristoosinii fi Hafuura Qulqulluudhaan ibsame irratti.

☐ **“bishaan yeroo hundumaa jiraatu”** Jechi kun bakka buusa dudduubaa Kakuu Moofaatokko ni qaba (cf. Far. 36:9; Isa. 12:3; 44:3; Er. 2:13; 17:13; Zak. 14:8). Yesuus jecha “bishaan yeroo hundumaa jiraatu” jedhu akka moggaa “jireenya hafuuraatti” itti fayyadama. Haa ta’u malee, Dubartii Samaariyaa sun akka bishaan yaa’uutti yaadde ture, akka bishaan roobaa boolla keessatti cimmifame sanaan faallaa ta’eetti. Inni isa Yesuus (ibsaan biyya lafaa) seraan akka hin hubatamne (i.e Niqodemoos) argisiisuuf amala Wangeela Yohaannisi. Bulchiinsa lafaa inni kufe bulchiinsa Waaqaa sirriitti hin qalbeeffatu (i.e ergaa Yesuus).

4:11 “Yaa gooftaa” Inni kun jecha Giriikii curious VOCATIVE isa keessatti isa gosa kuriedha. Inni kabaja argisiisuuf ykn akka ibsa ti’oolojii (GOOFTAA) Yesuus akka Waaqummaa guutuu wa. 1 fi Ro. 10:13 keessaa eeruuf faayidaarra ooluu ni danda’

4:12 “Abbaa keenya Yaaqoob isa bishaanicha dhugee, ijoolleen isaa, horiin isaas dhuganii, boolla bishaanichaa immoo nuuf kenne ni caalta?” Caasluugichi deebii “lakkii jedhu ni eega. Inni kun ifumaan ifatti ibsa hagiboo/ciigoodha. Dubartiin Samaariyaa abbaa ishee isa durii warra Samaariyaa Efeem fi Minaaseedhaan gara Yaaqobitti deebi’u guddaa ta’uu isaat himaa turte. Wanti nama ajaa’ibsiisu isa hundaa ol ta’uun Yesuus isuma Inni himaa ture ta’uu isaati!

Haasaan sun dhimmoota ti’oolojii lama ni kaasa.

1. Waaqayyo/Yesuus warra darbataman ni jaala’atu (i.e Warra Samaariyaa, dubartoota
2. Ol’aantummaa Yesuus Amantii Yihuudii fi oftulummaa sanyii irratti qabu.

4:13-14 “Bishaan kana irraa kan dhugu hundinuu deebi’ee ni dheebota;” Bishaan isa Ani kennuufiif jiru irraa inni dhugu garuu” Inni kun argisiisa Masihummaa of keessaa qabaachuu ni danda’a (cf. Isa. 12:3; 48:21; 49:10). Gaaleen kun dacha negaativii isa cimaadha. Taphni tokko HENNAA GOCHIMAA keessa ni jira. AORIST ACTIVE SUBJECTIVE n. w. 14 yomuu dhuguu yeroo tokkoo ibsu, PRESENT ACTIVE PARTICIPLE n. w. 13 deddeebisanii dhuguu ni ibsa.

4:14 “isa keessatti burqaa bishaanii isa jireenya bara baraatiif burqu ni ta’a’o” Inni kun PRESENT PARTICIPLE isa hiikni isaa “itti fufeenyaan yaa’uu” jechuudha (cf. Isa. 58:11 fi Yoha. 7:38). Warra lafa gogaa keessa jiraatuuf bishaan fakkeenya jireenyaa fi gala Waaqummaati ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 4:15-26

¹⁵Kana irratti dubartittiin “Yaa Gooftaa! Deebi’ee akka ani hin dheebonneef, bishaan waraabbachuufis akka ani hin dheebonneef, bishaan kana anaaf kenni! Jetteen. ¹⁶Yesuus immo, “Dhaqi! Abbaa manaa kee waamii kottu!” jedheen. ¹⁷ Dubartittiin deebiftee, “Anoo abbaa manaa hin qabu” jetteen. Yesuus immoo “Isa ‘Abbaa manaa hin qabu” jette ba’eessa dubbatte. ¹⁸Abboota manaa shan qabda yoo turteeyyuu, inni amma sii wajjin jiru abbaa manaa kee miti’o, kana dhugaa dubbatte;” ittiin jedhe. ¹⁹Kana irratti dubartittiin, “Akka ati raajii taate nana arga, yaa Gooftaa. ²⁰Abboonni keenya gaara kana gubbaatti ni sagadu; isin warri Yihudootaa immoo ‘lafti itti Waaqayyoof sagaduun ta’u Yerusaalem keessa jira jettu’ ittiin jette. ²¹Yesuus yammus, “Dubartii nana, yeroon itti isin gaara kana gubbaatti yookiis Yerusaalemitti abbaadhaaf hin saganne dhufuudhaaf jira; na amani! ²²Isin waan hin beekneetti sagaddu, nuyi garuu waan beeknutti saganna. Fayyinni Yihudootaa keessaa ni dhufa. ²³Yeroon itti warri dhuguma sagadan hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan garuu ni dhufa; innis ammuma iyyuu ga’eera. Abbaanis warra akkasitti Isaaf sagadan ni barbaada. ²⁴Waaqayyo hfura, warri Isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagduun ni ta’aaf,” ittiin jedhe. ²⁵Dubartittiin immoo deebiftee, “Masihiin Inni Kiristoos jedhamu akka dhufu anuu beeka; Inni gaafa dhufe waan hundumaa nutty ni hima” jette. ²⁶Yesuus yommuuss, “Inni amma si wajjin dubbachaa jira; kunoo Ani Isa” ittiin jedhe.

4:15 Dubartiin, akkuma Niqodemoos, ammayyuu sadarkaa ifumaan ifatti qaamaan Yesuusiin hubachuutti jirti. Inni kan biraa haa hafuutii duuka buutotaafuu wana hin baratamne miti. Isaan yeruma hundaa faan bakka buusa isaa dagachuudhaan Yesuusiif hiika sirri hin kennan ture (cf. Yoh. 4:31-33, 11:11-13).

4:16 UBS4 Sirumaayyuu maqaan “Yesuus” itti dabalammuu akka danda’uuf ture hin eerru (cf. NKJV, NRSV, NJB, REB). Macaafni Qulqulluun NET raga barreeffamaa itti makame isaatiif ni kenna (f 1903, i.e MSS^{x*,c}; A,C,D,L fi W garuu immoo inni MSS p^{66,75}, B, C) keessaa ni hafa. Barreessitoonni kitaabicha hordofuuf ifaafi salphaatti kan hubatamu gochuuf eegani jiru.

▣ “Dhaqi!... waami” Inni kun PRESENT ACTIVE IMPERATIVE, AORIST ACTIVE IMPERATIVE DHAAN hordofamuudha.

4:17 “Anoo abbaa manaa hin qabu” cubbuun hojjatamuutu ta’aafi. Yesuus garuu wanta safuu ta’e hin hojjanne akkasumas immoo Inni hin balaaleeffamne.

4:18 “Abboota manaa shan qabda yoo turte iyyuu” Yesuus dubartii haala fooniitirraa gara haala hafuuraatti shochoosuuf beekumsa Waaqummaa isaa itti ni fayyadama (cf. 1:48).

4:19 “Akka Ati raajii taate nan arga” Dubartittiin ammayyuu gara hubannaa Masihummaatti hin dhufne turre. Isheen itti fayyadama galataatiin (akkuma Niqodemos 3:2 keessaa) dhimma isa guddaa walitti dhufeenya ishiin Waaqayyo wajjin qabdu ibsuudhaaf yaalaa ture. Yaada dhiheessitoonni kan biroo isa kana Kes. 18:15-22 irraa akka eeruu Masihummaa tokkootti ilaalu.

MATA DUREE ADDAA: RAAJUU

I. SEENAA

A. Ibsa Seensa

1. Hawaasni amanu attamittiin akka hiikni keennamuufitti walii hin galani. Dhugaawwan kan biroo jaarraawwan hunda keessatti akkmuma warra Ortodoksiitti hundeeffaman turani, garuu immoo isa kanaa miti.
2. Raajummaan Kakuu Moofaa kanneen haala gaariidhaan ibsaman danuun ni jiru.
 - a. Otuu mootii hin ta’iniin dura
 - (1) Namoonni dhuunfaadhaan raajiiwwan jedhamu ture
 - (a) Abrahaam – Uma 20:7
 - (b) Muusee – lak. 12:6-8; Kes. 18:15; 34:10
 - (c) Aaroon – Ba’u 7:1 (nama Muuseedhaaf dubbii himaa ture)
 - (d) Miiryaam – Ba’u 15:20
 - (e) Medaad fi Eldaad – Lakk. 11:24-30
 - (f) Dibooraa – Abo. 4:4
 - (g) Kan maqaan hin dhahamne – Abo 6:7-10
 - (h) Saamu’el – 1Sam. 3:20
 - (2) Raajootaaf akka gartuu tokkootti eeruu
- Kes. 13:1-5; 18:20-22
 - (3) Gartuu raajii ykn gartuuwwan namootaa fedha walfakkaatan qabanii – Sam. 10:5-13; 19:20; 1Mot. 20:35; 41:22:6, 10-13, 2Mot. 2:3,7; 4:1,38; 5:22; 6:1 kkf.
 - (4) Masiihin raajii jedhamee waamame Ba’u 18:15-18
 - b. Mootummaa hin barreeffamne (isaan mootii argisiisu).
 - (1) Gaad – 1Sam. 22:5; 2Sam. 24:11; 1Sen. 29:29
 - (2) Naataan – 2Sam. 7:2; 12:25; 1Mot. 1:22
 - (3) Ahijjaah – 1Mot. 11:29
 - (4) Jehuu – 1Mot. 16:1, 7, 12
 - (5) Kan maqaan hin dhahamne 1Mot. 18:4,13; 20;13,22
 - (6) Eliyaas 1Mot. 18- 2Mot. 2
 - (7) Milkiyas – 1Mot. 22
 - (8) Elishaa – 2Mot. 2:8,13
 - c. Raajota barreeffama yeroo hundaa barreessan (isaan saboota akkasumas mootii ni argisiisu). Isaayyaasii-milkiyaas (Daani’eel irraa kan hafe).

B. Jechoota Macaafa Qulqulluu

1. Ro’eh = “isa fuulduraa raajuu kan danda’u ta’uusaa nama dubbatu” 1Sam. 9:9 Ragaan kuniiyyuu ofuma isaatiif geeddaruumsa gara jecha nabitti ni argisiisa. Ro’eh jecha walii gala “ilaaluu” irraayi. Namni kun karaa fi karooraawwan waan hubateef akka wanta guddaatti fedha Waaqayyoo akka mirkaneessuuf gorfamee ture.
2. Hozeh = “isa fuulduraa raajuu kan danda’u ta’uusaa nama dubbatu” 2Sam. 24:11. Inni bu’urri isaa jecha Ro’eh fi moggaadha. Inni jecha “ilaaluu” jedhu yeroo baay’ee hin mul’anne irraa kan argameedha. Akaakuun gocha hima sadaffaatiin (participle) taa’e irra jireenya yeroo hunda raajota eeruuf faayidaarra oola (i.e, “waan hin baraamne ilaaluuf”).
3. Nabi = “raajii” GOCHIMA Akaadiyaa nabu= “waamuu” fi kan Arabaa Naba’a = “beeksiisuu” dhaaf sanyii tokko. Inni kun raajii tokko muuduudhaf Kakuu moofaa keessatti jecha baay’ee baraameedha. Si’a 300 caalaas faayidaa irra ooleera. Hiikni isaa inni sirriin

wanta mirkanaa'e ta'uu baatullee yeroo ammaa kana garuu "waamuun" filannoo gaarii ni fakkaata. Hubannaa irra caalaan ibsa YHWH walitti dhufeenya Muusee karaa Aarooniin Fari'oonii qabu irraa dhufuu danda'a (cf. Ba'u. 4:10-16; 7:1; Kes. 5:5. Raajiin tokko nama isa Waaqayyooof saba isaatiif dubbatudha (Amos 3:8; Er. 1:7,17, His. 3:4)

4. Jechoonni sadan hundinuu 1Sen. 29:29 keessatti aangoo raajiitiif faayidaarra oolani; Saamu'eel-ro'eh; Naataan-Nabi fii Gaad-Hozeh
5. Gaaleen "*ish ha* – "*elohim*, "nama Waaqayyoo" dabalataan Waaqayyooof isa dubbatuuf muudama isa bal'aadha. Inni miira "raajiitiin" hamma gara 76 Kakuu moofaa keessatti faayidaarra oole.
6. Jechi "raajii/prophet" jedhu uumamumti isaatuu Giriikiidha. Inni (1) pro="dura" ykn ".f" fi (2) Phemi = "dubbachuu" irraayi.

II. HIIKA RAAJUMMAA

- A. Jechi "Raajummaa"n Ingiliffa caalaa ibruu keessatti xiin hiika baay'ee bal'aa ni qaba ture. Kitaabonni seenaa Iyyaasuu karaa Mototaatiin (Ruut irraa kan hafe) warra Yihudootaatiin akka "raajota darbaniitti" mallatteeffamanii jiru. Lamaanuu Abrahaam (Uma. 20:7; Far. 10:5) fi Muuseen (Kes. 18:18) akka raajotaatti (Miriyaamis, Ba'u 15:20) muudamanii jiru. Kanaaf, hiika Ingiliffaa tilmaameef ofeeggadha!
- B. "Raajummaan tarii karaa seerummaatiin akka hubanna seenaa isa hiika isaa akka ilaalcha Waaqummaatti, kaayyoo Waaqummaatti, hirmaannaa Waaqummaatti qofaa fudhatuun hiikamuu/ibsamuu ni danda'a. Interpreter's Dictionary of Bible, vol. 3, p 896.
- C. "Raajiin tokko falaasamaa ykn nama ti'oolojii isa tooftaa uumu otuu hin ta'in, nama kakuu isa jaarsummaa galu isa akka fuuldurri isaanii sirratuuf jireenya isa ammaa akka qajeelchaniif dubbii Waaqayyoo saba Isaatiif dabarsudha, "Raajii fi Raaga" Encyclopedia judica vol. 13p 1152.

III. KAAYYOO RAAJII

- A. Raajiin Waaqayyooof saba Isaatti karaa itti adeemsa isaanii yeroo ammaatti keessatti qajeelfama kennuu fi jireenya isaanii keessattiifi gochaawwan biyya lafaa keessatti too'annaa isaa abdachuuf ittiin dubbatuudha. Ergaan isaanii walumaa-galatti kan wal keessatti gurmaa'aniidha. Innis ifaatuu, jajjabeessuu, amantii of keessatti uumuu fi qalbii diddiirraanaa fi saba Waaqayyootiif waa'ee ofii isaa fi karoora Isaa ibsuu jechuudha. Isaan saba Waaqayyoo kakuuwwan Waaqayyootiif amanamoota akka ta'aniif ni qabu. Isa kanaaf inni ifumaan ifatti filannoo Waaqayyoo dubbii himaa ibsuudhaaf yeruma hundaa faayidaarra ni oola. (Ba'u 13:1-3; 18:20-22). Inni kun, karaa dhuma hin qabneen kan fudhatame, Masihicha ni eerayyu.
- B. Yeruma hundaa, raajiin balaawwan seena qabeessa ykn ti'oolojii bara isaa fudhatee fi yoomessa yeroo firdiitiif kan qophaa'uudha. Ilaalcha seenaa yeroo dhumaa kun Isiraa'el fi miira filannoo waaqummaa fi abdiwwan kakuu keessatti kan adda ta'eedha.
- C. Aangoon raajii kan gara tokkotti hin jenne (Er. 18:18) fi aangoo Hangafi Luba akka karaa fedha Waaqayyoo beekuuf humnaan harkaa buutu wayii fakkaata. Urim fi Thummim caalaatti dubbii himaa Waaqayyootirraa gara ergaa afaanii ba'eetti ni guddatani. Aangoon raajummaa Milkiyaas booda Isiraa'el keessatti yeroon isaa kan irra darbe (kan du'e) fakkaata. Inni hamma waggootan 400 booddee Yohaannis cuuphaatiin mul'atutti hin mul'anne ture. Attamittiin kennaan "raajii" Kakuu Haaraa kan Kakuu Moofaatiin akka walitti firomu addaan baasuun nama kan rakkisudha. Raajiiwwan Kakuu Moofaa (HoE. 11:27-28; 13:1; 14:29; 32,37; 15:32; 1Qor. 12:1,28-29; Efe. 4:11), ibsoota mul'ata ykn caaffata haaraa miti, garuu immoo haala karaa fedha Waaqayyootiin raga fuulduratti kan himaniidha.
- D. Raajiin uumamaan walumaa galatti ykn jalqabumaa raagu miti. Raagu karaa itti aangoo fi ergaa isaa mirkaneessu isa tokkodha, aruu immoo "raajiin Kakuu Moofaa 2% gadi kan Masihummaa ta'uu isaa 5% gadi adda baasuun Bara kakuu Haaraa ibsuu isaa, 1% gadi gochaawwan siichi dhufaniif dhimmamuu isaa "yaadannoo fudhatamuutu isaaf ta'a (Fee fi Stuart, How to Read the Bible For All Its Worth, f 166).
- E. Luboonni namoota Waaqayyoo yoo bakka bu'an, raajonni Waaqayyoo namootaaf bakka bu'u. Inni

kun ibsa waliigalaati. Adda ba'uun akka Inbaaqom, isa gaaffiilee Waaqayyoon gaafatuu argisisuu ni jiru.

- F. Sababni inni tokko akka raajoota hin hubanneef nutty ulfaate sababa attamittiin akka kitaabonni isaanii qindaa'an hin beekneefi. Isaan yeroo fi adeemsa seenaa isaanii eeggatanii kan taa'anii miti. Dhaamsa kan qaban fakkaatanillee, garuu immoo karaa itti namni tokko itti eeguni miti. Kitaaboleen kunniin (1) taa'umsa tokkoon dubbisuuf; (20) mata dureedhaan tarreessuu, fi (3) dhugaa giddu galeessa mirkaneessuuf ykn yaada barreeffamaa iddo ergaa dhoksaa qabu yeroo hundaa hubachuuf baay'ee rakkisoodha.

IV. AMALOOTAA RAAJII

- A. Kakuu Moofaa keessatti dagaaginni ilaalcha “raajii” fi “raga” kan ta’u wayii fakkaata. Isiraa’el durii keessatti raajiiwwan dagaaga, dursitoota surra qabeessa ta’an kanneen akka Eliyaasii fi Elsaadhaan durfaman ni jiru ture. Yeroo tokko tokko gaaleen “ilaan raajotaa” jedhu gartuu kana muuduuf kan faayidaarra ooludha (2Mootota 2). Raajonni akaakuu gammachuu namaa kennaniin ka’aman ture (1Sam. 10:10-13, 19:18-24).
- B. Haa ta’uu malee, yeroo kun saffisaan gara raajiiwaan tokkoon tokkootti ni jijjiirame. Raajiiwwan (kan dhugaa fi kan sobaa lamaa) kanneen Moototaa ibsamani, fi masaraa keessa jiraaan (Gaad, Naataan) ni jiru ture. Dabalataanis, kanneen of danda’an, yeroo tokko tokko guutummaan guutuutti haala hawaasa isiraa’el wajjin kan wal hin qabanne (Amoos) ni jiru ture. Isaan dhiirris dubartiinis ni jiru turani (2Mot. 22:14).
- C. Raajiin tokko yeruma hundumaa, ibsa egerii, deebii battalaa namaa irratti hundaa’eedha ture. Dirqamni raajii karoora Waaqayyo addunyaa guutuu isa hin dachaane uma Isaatiif qabu isa deebii namaatiin hin miidhamne ture. Karoorri waa’ee firdii kun raajota Baha Dhi’oo Durii gidduutti baay’ee kan adda ta’e ture. Raagnii fi amanamummaa gaariin kakuuf taasifamu argaawwan raajummaa cimdiin/lakkummaan wal duukaa deemaniidha (cf. Fee fi Stuart, f. 15). Inni kun raajonni jalqabumaa xiyyeeffannaa keessatti gamtaa’uu isaanii ni ibsa. Isaa yeruma hunda, garuu immoo addatti otuu hin ba’in, saba ni argisiisu.
- D. Meeshaaleen raajummaa danuun kan affoolaan dhihaatan turan. Inni boodderra akka hdaamsaa, tartiiba yeroo fi seenaatti yokiin wantoota kan biroo Barreeffama Dhiha Dhi’oo kanneen nu duraa badaniin walitti hidhamanii turani. Sababni isaas inni hafoota ture waan ta’eef inni akka barreeffama barreeffameetti kan walitti qindaa’e hin turre. Inni kun kitaabota sirriitti keessa deeddeebi’anii dubbisuuf akkasumas yoomessa seena qabeessa adda ta’e malee hubachuuf akka ulfaatan isaan taasisa.
- E. Raajonni ergaawwan isaanii dabarsuuf akkaataawwan danuutti ni fayyadamu.
1. Argama Mana Murtii – Waaayyo saba Isaa gara mana murtiitti fudhata, yeruma hunda iddoo YHWH haadha manaa Isaa (Isiraa’el) amanamuu diddaa isheetin ofirraa dhiibu dhimma wal hiikuutu ture (Hose 4; Mikiyaas 6).
 2. Faarsaa iddoo awwaalaatti faarfatamu, safari addaa gosa ergaa kanaa fi amalli isaa “wayyoo” akaakuu addaa addatti ni qindeessa (cf. Isaayyaas 5; Inbaaqom 2).
 3. Waamamuu Eebba kakuu –amalli umamaa kakuu odeeffameera akkasumas immoo sababuma kanaanis lamaanuu karaa pozatiiviitiinis ta’ee kaaa negatiiviitiin fuulduraaf qubeessiffamaniiru (Ke. 27-28).

V. RAAJII HIIKUUF QAJEELFAMOOTAA GARGAARAN

- A. Yoomessa seena qaeessa akkasumas qabiyyee jechumaa fi jecha dubbisa dhoksaawwanii yaadannoo fudhachuudhaan kaayyoo raajii isa sirrii (gulaalaa) barbaadi. Yeroo baay’ee Isiraa’elonni yeroo kakuu Masihummaa karaa tokko tokkoon yoo cabsan of keessatti ni qabaata.
- B. Gosa tokko qofaa otoo hin ta’in yaada dhoksaa isaa guutummaa isaa dubbisii hiiki, akka qabiyyee isaattis tarreessi. Akkamitti dubbisoota dhoksaa naannoo sana jiraniitiin akka walitti firoome ilaali. Guutummaa kitaabichaa tarreessuuf yaali.
- C. Hamaa wanti kitaaba fakki qabeessaatiif itti fayyadama fakkii qabeess sitti argisiisutti hiika jechaa fi jecha dubbisichaa yaadi, sana booda tartiiba barreeffamaatti afaan fakkii uumu

- fayyadami.
- D. Ibsaa yoomessa seena qabeessaanii fi dubbisa wal cinaatiin gochaawwan fakkeenya qalbeeffadhu. Barreeffamni warra Bahaa durii kun kan warra dhihaa ykn hammayyaa akka hin taane yaadadhu.
- E. Raaga ofeeggannoodhaaf hubadhu.
1. Isaan bara barreessichaatiif addatti barreeffamanii?
 2. Seenaa Isiraa'el keessatti booddeerra eessatti guutuu turanii?
 3. Isaan ammayyuu gochaawwan egeriitii?
 4. Karaa Macaafa Qulqulluutiin ta'e ykn seenaatiin baay'ina guutummaatiif wanti ta'uu danda'u tokko ni jiraataa? Galmaa ga'an ni qabuu?
 5. Barreessitoota Macaafa Qulqulluu, barreessitoota hammayyaa otuu hin ta'in, gaaffiilee keessaniif akka isa qajeelchaniif heyyamaa.
- F. Ilaalcha/Itti gaafatama addaa
1. Raajichi deebii yerootiinkan raawwatee?
 2. Nama raaiin dhaamameef ta'uun isaa mirkanaa'aadhaa maaliifis)?
 3. Guutummaa bara tokko wajjin jiraatan tokkoo fi wanta boodderra
 4. Barreessitoonni Kakuu Haaraa kaka'umsa irra turan iddoowwan Kakuu Moofaa danuu kanneen nuuf ifa hin taane keessatti Masihicha arguuf danda'anii turani. Ogummaa barreeffamaa ykn tapha jechaa kan fayyadaman fakkaatu. Nuyi hamma kaka'umsa hin qabaannettiisaan simachuu keenya otuu dhiisne nuu wayya.

VI. KITAABOTA GARGAARAN

- A. *A Guid to Biblical Prophecy* by Carl E. Amending and W. Ward Basque
- B. *How to Read the Bible for All Its Worth* by Gordon Fee and Douglas Stuart
- C. *My Seruants the Prophets* by Edward J. Young.
- D. *Plowshares and Pruning Hooks: Rethining the Language of Biblical Prophecy and Apocalyptic* by D. Brent Sandy
- E. *New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis*, vol. 4, pp 1067-1078.

MATA DUREE ADDAA: RAAJII KAKUU HAARAA

- I. Inni raajii Kakuu Moofaatiin (BDB 611), isa yaada dabalataa brsiisota seeraa fi amantii Yihudaa mul'atoota YHWH irra dadammaqan qabaniin (cf. HoE. 3:18,21; Rom. 16:26) tokkoo miti. Raajota duwwaatu caaffata barreessuu danda'e ture.
 - A. Muuseen raajiidha jedhamee ni waamama ture (cf. Kes. 18:15-21)
 - B. Kitaabonni Seenaa (Iyyaasuudhaa-Moototaa [Root irraa kan hafe] "raajiiwwan durii" ni jedhamu ture (cf. HoE. 3:24)
 - C. Rajiiwwan akka burqaa odeeffannoo Waaqayyoo irratti luboota hangafa humnaan ni butu (cf. Isaayyaas – Milkiyaas)
 - D. Qoodiinsi lammataa kitaabota qulqulluu wara Ibrootaa "Raajota" dha (cf. Mat. 5:17; 22:40; Luq. 16:16; 24:25,27; Rom. 3:21).
- II. Kakuu Haaraa keessatti ilaalchi karaa adda addaa danuudhaan faayidaarra kan ooledha.
 - A. Raajiiwwan Kakuu Moofaa fi dadammaqiinsa ergaawwan isaanii eeruu (cf. Mat. 2:23; 5:12; 11:13; 13:14; Rom. 1:2)
 - B. Ergaawwan gartuuwwan gurmaa'an irra dhuunfaadhaaf dhufan eeruu (i.e, raajonni Kakuu Moofaa addatti warra Isiraa'elootaatiif dubbatan ture).
 - C. Yohaannis cuuphaa (cf. Mat. 11:9; 14:5; 21:26, Luq. 1:76) fi Yesuus akka labsitoota mootummaa Waaqayyootti (cf. Mat. 13:57; 21:11, 46; Luq. 4:24; 7:16; 13:33; 24:19) eeruu. Yesuus dabalataan raajota akka caalu ni hima.
 - D. Raajiiwwan kan biroo Kakuu Haaraa keessaa
 1. Akkuma Wangeela Luqaas keessatti galmaa'e (i.e, yaadannoowwan Maariyaam) jireenya

Yesuus ijoollummaa

- a. Elzaabex (cf. Luq. 1:41-42)
- b. Zakaariyaas (cf. Luq. 1:67-79)
- c. Simoon (cf. Luq. 2:25-35)
- d. Haannaa (cf. Luq. 2:36)

2. Raajiiwwan hagiboo/ciigoo (cf. Qayyaafaa Yoh. 11:51)

- E. Nama wangeela labsu tokko eeruu (tarreeffamoota kennaawwan labsii 1Qor. 12:28-29, Efe. 4:11 keessaa)
- F. Kennaawwan waldaa kiristiyaanaa keessatti itti fufan eeruu (cf. Mat. 23:24; HoE 13:1; 15:32; Rom. 12:6; 1Qor. 12:10,28-29; 13:2; Efe. 4:11). Yeroo tokko tokko inni kun dubartoota eeruu ni danda'a (cf. Luq. 2:36; HoE 2:17; 21:9; 1Qor. 11:4-5).
- G. Kitaaba wantoota cicciimoo fi sodaachisoo ta'an fuulduratti ta'an himu Mul'ata Yohaannis eeruu (cf. Mul. 1:3; 22:7,10,18 19).

III. Raajiiwwan Kakuu Haaraa

- A. Isaan akka raajonni Kakuu Moofaa godhan mul'ata oo'aa ta'e hin kennani (i.e, caffata). Ibsi kun wanta ta'uu danda'uudha, sababiin isaas faayidaa gaalee "amantii..." jedhu (i.e ilaalcha wangeela raawwatame) HoE 6:7; 13:8; 14:22; Gal. 1:23; 3:23; 6:10; Fil. 1:27; Yih. 3,20 keessatti faayidaarra ooleedha.

Yaadichi gaalee guutuu Yihudaa 3 keessatti "amma amantii isa al tokkicha yeroo hundumaaf akka ta'utti warra Waaqayyoo qulqullaa'anitti dabarfame" jedhamee barreeffamee faayidaarra oole irraa ifadha. Amantii "al tokkicha yeroo hundumaaf" dhugaawwan, barsiisota waldaa kiristiyaanaa ilaalchota, ilaalchota barsiisota kiristiyaanummaa biyya lafaa ni eera. Inni al tokkicha kenname addeessu kun barreeffamoota Kkakuu Haaraatiif daangeeffama dammaqiinsa karaa ti'oolojiitiif bu'uura Macaafa Qulqulluuti akkasumas immoo mul'ata ilaalchisee barreessitoonni kan biroo kan booddeetiif hin heyyamu. Iddoowwan hiika namaa hin gallee qaban wal mormisiisan hin mirkanoofnee fi ifa hin taane danuun Kakuu Haaraa keessa ni jiru, garuu immoo amantoonni amantiidhaan isa wanti kamiyyuu amantiidhaaf "barbaachisan" fi shaakalli karaa garmalee ifa ta'een Kakuu Haaraa keessatti hammatamuu isaanii ni mirkaneessu. Qabiyyeen kun wanta "rooga sadee mul'ata" jedhamuun gadi fageenyaan ibsamee jira.

1. Waaqayyo seenaa yeroo iddoo (MUL'ATA) KEESSATTI OFII ISAA IBSEERA.
 2. Gochaawwan Isaa akka barreessanii fi ibsaniif namoota muraasa filate (KAKA'UUMSA)
 3. Barreeffamoota kanneen, daangaa malee, fayyinaa karaa quubsaa ta'een akka jireenya kiristiyaanummaa cimaatti (IFAATT) akka hubataniif Inni yaadaa fi garaa dhala namaa banuuf Hafuura Isaa kenneera. Qabxiin wanta kanaa isa kaka'uumsi barreessitoota caaffattootaatiif kan murtaa'e/daangeeffame ta'uu isaati. Barreeffamoonni, mul'atoonni, ykn raajiiwwan aangoo argatan kan biroo hin jiranu. Kitaabonni qulqulluu garaa garaa cufamanii jiru. Nuyi dhugaawwan kanneen sirriitti Waaqayyoo deebiisuu barbaannu hundumaa ni qabna. Dhugaan kuun waliigaltee barreessitoota akka Macaafa Qulqulluu barreessanii fi warra hin amanne, Waaqolii tolfamootti amanan gidduu gaariitti mul'ateedha. Namni barreessaan yokiin dubbi himaan hammayyaa tokko iyyuu sadarkaa Waaqummaa dura buutummaa isa barreessitoonni caaffattootaa qaban ture hin qabu.
- B. Karaa tokko tokkoon raajonni Kakuu Haaraa raajota Kakuu Moofaa wajjin tokko ni ta'u.
 1. Raaga gochaawwan fuulduratti ta'anii (cf. Phaawuloos HoE 27:22; Agaabos, HoE 11:27-28; 21:10-11, raajota kan biroo kanneen maqaan hin dhahamne, HoE 20:23).
 2. Firdii labsuu (cf. Phaawuloos HoE 13:11; 28:25-28)
 3. Gochaawwan fakkeenya kanneen karaa cimaa ta'een gochaa tokko ibsuu (cf. Agaabos, HoE. 21:11).
 - C. Isaan yeroo tokko tokko karaawwan raagaatiin dhugaawwan wangeelichaa ni labsu (cf. HoE. 11:27-28; 20:23; 21:10-11), garuu immoo inni kun xiyyeeffannaa jalqabaa miti. Raajii raaguun 1ffaa Qoronxoos keessaa jalqabumaa wangeela wajjin wal qunnamuudha 9cf. 14:23, 39).
 - D. Isaan wajjiniin jireenya Hafuura bara tokko wajjin jireenya gadhiifamuu fi iyyannoowwan qabatamoo dhugaa haalota haaraa, aadaa, ykn bara yeroo kamiyyuufiidha (cf. 1Qor. 14:3).

E. Isaan waldootaa Phaawuloos jalqabaa keessatti baay'ee cimoo turani (cf. 1Qor. 11:4-5; 12:28,29; 13:29; 14:1,3,4,5,6,22,24,29,31,32,37,39; Efe. 2:20; 3:5; 4:11; 1Tas. 5:20) akkasumas immoo Didache (isa boodderra jaarraa tokkoffaa ykn lammaffaa keessa barreeffame, guyyaan isaa wanta mirkanaa'e miti) keessatti maqaan dhahamee fi Montanismii jaarraawwan lammaffaa fi sadaffaa keessa Afrikaa Kaabaa keessatti maqaan isaanii dhahameedha.

IV. Kennaawwan Kakuu Haaraa dhaabataniiru?

- A. Gaaffiin kun deebisuuf ni ulfaata. Inni yaadicha kaayyoo kennaawwanii ibsuudhaan ifa gochuuf ni gargaara. Isaan lallaba jalqabaa wangeelaatiif mijaa'uuf sababa kan ta'an moo yoking isaan karaawwan itti fufeenya qaban waldaadhaaf ofii ishee tajaajiluu fi moo biyya lafaa badeef kan ta'ani?
- B. Gaafficha deebisuuf namni tokko seenaa waldaa kiristiyaanaa ilaala moo Kakuu Haaraa mataa isaat ilaala? Kennaawwan hafuura kan yeroo murtaa'ee ta'uu isaanii kan ibsu agarsiisni wayiituu Kakuu Haaraa keessa hin jiru. Kanneen yaada kana argisiisuuf 1Qor. 13:8-13 fayyadamuuf yaalan karoora aangoo dubbisichaa, isa wanti kamiyyuu jaalala malee akka hin darbine ibsu/hubachiisu ni faalleessu.
- C. Ani hamma seenaan waldaa kiristiyaanaa otuu hin ta'in, Kakuu Haaraan, aboo ta'etti amantoonni kennaawwan akka itti fufan mirkaneessu qabu jechuuf nan carraaqa. Haa ta'u malee aadaan hiikkaarra miidhaa akka gessisu nan amana. Barreeffamoni sirriitti ifa ta'an tokko tokko hojjiira hin oolan (i.e dhungoo qulqulluu, dubartiin kan ishee haguugu uffachuu, walga'ii waldoonni mana keessatti taasian, kkf). Erga aadaan barreeffamoota irratti seenaan waldaa kiristiyaanaa hin gessisne?
- D. Inni kun gaaffii isa salphaadhumatti ibsaan deebifamuu danda'u miti. Amantoonni tokko tokko "dhaabachuu wantoota tokko tokkoo" yoo labsan kanneen biroo immoo faallaa kanaat labsu. Naannoo kanatti, akkuma dhimmoota hiikkaman danuu keessatti ilaallaman garaan amantootaa ijoodha. Kakuu Haaraa wanta wal nama mormisiisu kan qabuu fi wanta aadaati. Ulfinnichi barreeffamoonni akkasii akka aadaadhaan seenaadhaan akka miidhaman kanneen yeroo fi aadaa hundumaatuu ta'an murteessuuf kan danda'an ta'uudha (cf. Fee and Staurts How to Read the Bible for All Its Worth, pp 14-19 and 69-77). Asitti kan jiru mormiiwwan bilisummaa fi itti gaafatamaa kanneen Rom. 14:1-15:13 fi 1Qor. 8-10 keessatti argamanii fi baay'ee barbaachisaniidha. Akkaataan nuyi gaaffiicha deebifnu karaawwan lamaan barbaachisaadha.
1. Amanaan tokkoon tokko isaa amantiidhaan ibsaa isaan qabaiin deddeebi'uutu isaaf ta'a. Waaqayyo garaa keenyaa fi yaada garaa keenyaa ni arga.
 2. Amanaan kamiyyuu amantoonni biroo hubannaa amanti isaanii keessatti akka deddeebi'an heyyamuutu isaa ta'a. Marfata Macaafa Qulqulluu keessatti obsi jiraachuu qaba. Waaqayyo akkuma ofii godhe walii keenya akka jaalannu ni barbaada.

Yaadicha guddisuuf, kiristiyaanummaan ti'oolojii muudaa hin qabne, otuu hin ta'in jireenya amanti fi jaalalaati. Walitti dhufeenyi/firummaan Isaa wajjin qabnu inni walitti dhufeenya kanneen biroo wajjin qabnu irratti dhiibbaa geessisu odeeffannoo ifa ta'e ykn ogummaa muudaa hin qabne caalaa baay'ee barbaachisaadha.

4:20 "Abboommii keenya" Inni kun Abrahaamiif Yaaqoob eera (cf. Uma. 12:7; 33:2). Isheen miira hirmaannaa kakuu isheet jabeessitee dubbachaa jirti (cf. 8:31-59).

▣ **"gaara kana gubbaatti ni sagadu"** Inni kun mormiiwwan iddoo itti Waaqayyo (YHWH) itti sagadamuufi qabu kan ti'oolojii ni eera. Warri Yihudootaa gaara Moriyaas (kallatti Mana qulqullummaa Yihudootaa) ni filatu, Warri Samaariyaa yommuu Gaara Gerizim addeessan (manni qulqullummaa warra Samaariyaa K.D. 129 keessa Yohaannis Hycranusiin barbadaa'ee ture).

Bara keenyatti inni kun carraaqii namoota kanneen nuyi yaada isaan walitti dhufeenya Kiristoosi wajjin qaban wantoota ti'oolojii barbaachisaa hin taane dhiheessuudhaan akka gadhiisan dhugaa baanuuf ni ta'a. Ilmi namaa hamma namooma isaa hin miinetti amanti fi falaasama barachuutti ni gammada (cf. 3:19-21).

4:21 “yeroon itti isin gaara kana gubbaatti yookiis Yerusaleemitti abbaadhaaf hin saganne dhufuudhaaf jira” Inni kun isheedhaafis ta’ee Ergamoota Isaatiif ibsa nama naasisu ta’uu qaba. Iddoo yaadichi hin jirretti, garuu eenyu!

4:22 “Fayyinni Yihudootaa keessaa ni dhufa” Inni kun mirkanaa’uu madda masihichaati (cf. Uma. 12:2-3; 49:8-12; Isa. 2:3; Rom. 9:4-5).

4:23 “Yeroon itti warri dhuguma sagadan” Inni kun tarii Mil. 1:11f waa’ee Waaqessuu addunyaa guutuu ibsuu ta’uu ni mala. Yesuus bara jireenya Isaattis ta’ee Erga du’een boodas kennaa jireenyaa bara baraa fiduun Isaa waan ifa ta’eedha. Ibsi kun dhiphina dhufaatiwwan lamaan Masihichaa gidduutti mul’atan ni calaqqisiisu. Baroonni Yihudootaa lamaan (Mata Duree Addaa 1Yoh. 2:17 irratti ilaali) amma walirra bu’anii jiru. Barri Haaraan Hafuura dhihaateera, ta’ullee nuyi ammayyuu bara moofaa hammeenya fi cubbuu keessa ni jiraanna.

Yesuus mamii malee barri haaraan Isaan akka jalqabame ni hima. Barri Hafuuraa, barri Masihummaa, ifatti beeksifamee jira!

▣ **“hafuuraa fi dhugaadhaan”** Jechi “hafuurra” jedhu (Mata Duree Addaa: 8:8 keessaa ilaali). Waa’ee sagada naannoodhaan ykn qaama irratti hundaa’e miti kan dubbatu. Jechi “dhugaa” jedhu addunyaa Giriikii keessatti waa’ee ilaalcha sammuut dubbata, yommuu dudduuni Ibrootaa amanamummaa fi abdatummaa ibsee turetti Mata Duree Addaa Dhugaa irratti 6:55 fi 17:3 irratti ilaali.

▣ **“Abbaa”** Kakuu Haaraakeessatti Yesuus akka Ilma Isaa adda ta’eetti eruuf yoo itti him dabalamin Waaqayyoon “Abbaa” jedhanii waamuun waan yeroo hunda baratame hin ture.

MATA DUREE ADDAA: ABBAA

Kakuu Moofaa walitti dhufeenya bakka buusa Waaqayyoo akka Abbaa isa cimaa ni barsiisa.

1. Sababni Isiraa’el yeruma hundaa akka “Ijoollee” YHWHtti ni ibsama (cf. Hos. 11:1; Mil. 3:17)
2. Kan biraa haa hafuutii durumaa Macaafa keessa deebii keessatti walfakkeenyi Waaqayyoo akka abbaa fayidaarra oolee jira (1:31)
3. Kes. 32 keessatti Isiraa’el “ijoollee isaa” akkasumas Waaqayyoo “abbaa kee” jedhamee waamama.
4. Walfakkeenyi kun Far. 103:13 keessatti ibsamee Far. 68:5 keessatti gabbate (abbaa fi ijoollee abbaa hin qabne)
5. Inni raajota keessatti kan baratame ture (cf. Isa. 1:2; 63:8; Isiraa’el akka ilmaa, Waaqayyoo akka abbaa 63:16; 64:8; Er. 3:4,19; 31:91).

Yesuus Aramaayikii dubbate san jechuunis isa iddoo baay’eetti “Abbaan” akka Pater Giriikii tarii Abbaa (cf. 14:36) calaqqisiisuu ni mala. Jechi baratamaan “Abbaa” (Daddy) ykn “papa” n walitti dhiheenya cimaa Yesuus Abbaadhaaf qabu ni calaqqisiisa, Inni isa kana hordofoota Isaatiif ibsuun isaa dabalataan walitti dhifheenya keenya isa cimaa Abbaa wajjin qabnu ni jajjabeessa. Jechi “Abbaa” jedhu keessattuu addatti Kakmuu Moofaa keessatti YHWHdhaaf faaidaarra oole ture, garuu immoo yeruma hundaa fi bakkuma hundatti itti fni fayyadama. Inni mul’ata amantootaa walitti dhufeenya gara Kiristoosin Waaqayyoo wajjin qaban isa ol’aanaadha (cf. Mat. 6:9).

▣ **“Abbaanis warra akkasitti Isaaf sagadan ni barbaada.”** Waaqayyoo sirrumatti namooma bade barbaada jira (cf. Isa. 55; His. 18:23,32; Luq. 19:10; Yoh. 1:12; 3:16).

4:24 “Waaqayyoo Hafuuraa” himoonni danuun kanneen amala Waaqayyoo ibsan barreeffamoota Yohaannis keessa ni jiru (1) Waaqayyoo jaalala, (2) Waaqayyoo ifa; (3) Waaqayyoo hafuura. Inni kun (1) qaamaan otuu hin ta’in (2) naannoo tokkoof otuu hin murtaa’in (3) adeemsa yeroo wajjin otuu hin qabatin ykn (4) karaa Waaqaa fi karaa lafaa jechuu ni danda’a.

4:25 “Masihii Inni Kiristoos jedhamu akka dhufu” Jechi Masihii jedhu Kakuu Haaraakeessatti si’a lama duwwaa mul’ate, lamaanuu Wangeela Yohaannis keessatti (cf. 1:41; 4:25).

MATA DUREE ADDAA: ADDA – MASIHI

Inni kun yaadannoo gamaaggamaa koo Dan. 9:6 irraa fudhatme. Jecha kana hiikuu irratti ulfinni kan jiraate sababa hiikonni ta'un danda'an jecha Masihii ykn kan muudame tokko wajjin walitti gamtaa'aniitin (BDB 603).

1. Mootota Yihudootaatiif fayyade (fakkeenya, 1Sam. 2:10; 12:3)
2. Luboota Yihudootaatiif fayyade (Fak. Lew. 4:3,5)
3. Cyruusiif fayyade (cf. Isa. 45:1)
4. #1 fi # Faarsaa 110 fi Zakaariyaas 4 keessatti walitti makamanii jiru.
5. Dhufaatiif Waaqayyoo addaatiif fayyade Mootummaa Daawitii bara haaraa tolummaa keessatti fidhuudhaaf
 - a. lenca Yihudaa (cf. Uma. 49:10)
 - b. mana Jesse (cf. 2Sam. 7)
 - c. bittaa guutummaa Waaqaa lafaa (cf. Faarsaa 2, Isa. 9:6; 11:1-5; Mik. 5:14ff)

Ani dhuunfaa kootti “nama muudame tokko” Yesuus Nama Naazireetiif adda baasamuu isaatti gammadeera, sababa

1. seensa Mootummaa Waaqayyoo inni bara baraa boqonnaa 2 yeroo mootummaa afraffaatiin
2. seensa “ilma namaa” u:13 keessatti mootummaa bara baraa argate.
3. Himoota fayyinaa 9:24 isa bu'aa ba'ii dhala namaa kufe isa dhumaa argisiisu,
4. Itti fayyadamuu Yesuus Macaafa Daani'el Kakuu Haaraa keessatti (cf. mat. 24:15; Mar. 13:14).

▣ **“Inni gaafa dhufe waan hundumaa nutty ni hima”** Inni kun warri Samaariyaa Masihii tokko eeguu isaanii ni argisiisa. Inni dabalataanis Masihichi akka guutummaa Waaqayyoo ibsuutti dhufaa akka jiru ni argisiisa.

4:26 “Inni amma sii wajjin dubbachaa jira; kunoo, Ani Isa” Inni tarii Isa. 52:6f ibsa ta'uu ni mala. Inni ifa kan ta'e, mirkaneeffannaa Waaqummaa Isaati (Wangeeloota walfakkaataniin sirrumatti adda kan ta'e)! Inni “Ani Isa”, isa Kakuu Moofaamaqaa Waaqayyoo, YHWH calaqqisiise, irratti taphata (cf. Ba'u 3:12,14). Yesuus maqaa Waaqayyoo Kakuu Moofaakana Yesuusiin ifaa ti karaa mul'atuun ofii of ibsuun YHWH eerutti itti fayyadame (cf. Yoh. 8:24, 23, 58; 13:19; 18:5 walbira qabi Isa. 41:4; 43:10; 46:40. Itti fayyadamni adda “Ani Isa”n kun ibsoota Yohaannis keessatti sirriitti beekaman “Ani Isaa” 6:35,51; 8:12; 10:7,9,11,14; 11:25; 14:6; 15:1,5, kanneen Maqoota guutuu ta'aniin duukaa ba'uamanin adda kan ta'e ta'uu qaba.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 4:27-30

²⁷Yeroo kanatti bartoonni Isaa deebi'anii dhufan; dubartii wajjin dubbachuu Isaatiifis ni dinqifatan; garuu isaan keessaa tokko illee, maal akka isheen barbaaddu, yookiis maaliif Inni akka isheedhaa wajjin dubbatu hin gaafanne. ²⁸Dubartiittiin yommu okkotee ishee achumattii dhiiftee, gara mandararaa dhaqxee namootattis dubbattee, ²⁹“Kottaa namicha, waan ani kanaan dura hojjedhe hundumaa anatti hime tokko ilaalaa; kun Kiristoos laata?” jette. ³⁰Namoonni yeroo sanatti mandaricha keessaa ba'anii, gara Isaa dhufuutti ka'an.

4:27 “dubartii wajjin dubbachuu Isaatiifis ni dinqifatan” Karaa aadaatiin inni kun Ortodoksoota Yihudootaatiif waan hin raawwatamne ture.

▣ **“garuu isaan keessaa tokko illee, maal akka isheen barbaaddu, yookiis malaif Inni akka isheedhaa wajjin dubbatu hin gaafanne”** Inni kun yaada ragaa ba'uu wanta ijaan arge Yohaannis. Inni yeroo naasisaa kana sirrumatti yaadachuutu isaaf ta'a ture!

4:28 “Dubartattiin yommu okkotee ishee achumattii dhiiftee” Inni kun dhuga ba'uumsa wanta ijaan argan yaadannoo seena qabeessa isa dinqamuu akkuma gara mandarichaa dhugaa ba'uudhaaf kaachuu dubartitti argisiisu isa baay'ee miidhaguudha (cf. ww. 29-30)

4:29 “Kiristoos miti, kun Kiristoos laataa?” Akaakuun caasluugaa deebii “Lakki” jedhu eega, garuu dubbisichi kan argisiisu isheen dhugumaan Isa akka ture amanuu isheeti. Yaadni dubbisaa caasluuga ni caala.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 4:31-38

³¹Kana gidduutti bartoonni Isaa, “Yaa Barsiisaa waa nyaadhu! Isa ni kahdatu turan. ³²Inni garuu deebisee, “Ani nyaata isin hin beekne kana nyaadhu qaba” isaaniin jedhe. ³³Yommus bartoonni “Namni nyaata fideef jiraa ree” waliin jedha. ³⁴Yesuus immoo “Nyaanni kan koo jaalala Isa Na erge gochuudhaaf hojii Isaa raawwachuudha.” ³⁵Isin amma, Haamaan ji’a afur booddee ni ta’a, jettu mitii? Ija keessanitti masicha ilaalaa! Ani immoo midhaan ammuma iyyuu bilchaatee, haamaan akka ga’e kunoo, isinittan beeksisa, ³⁶Inni haamu gatiisaa ni argata. Ija midhaanichaas jireenya bara baraattiif walitti walii wajjin akka gammadaniif ni ta’a. ³⁷Egaa mammaaksichi, ‘Namni tokko ni facaasa inni kaan immoo ni haama’ jedhu sun kanaan dhugaa ni ta’a. ³⁸Waan itti hin dadhabin akka haamtaniifan isin erge; warri kaan itti dadhabanii jiru; isin immoo isa isaan itti dadhabanitti galtan” isaaniin jedhe.

4:32 Inni kun ibsa wantoota lama Waaqaa fi lafaa, kan hafuura fi kan foonii wal bira qabu kan biraati. Yesuus ergama Wangeelaa, mul’ata himuu tokkorra ture. Namoonni dursa kan kennamanii fi ture/dha.

4:34 “Nyaanni kan koo jaalala Isa Na erge gochuudhaaf hojii Isaa raawwachuudha” Wangeelli Yohaannis hubannoo Yesuusiif wanta Abbaan akka Inni godhuuf barbaadeef ibsa baay’ee ifa ta’eedha (cf. Mar. 10:45; Luq. 19:10; Yoh. 6:29).

Wal bira qabamuun Yesuus olii ergamee, iddoo Waaqayyo abbaan sirrumatti itti argamuu akka ergamni Isaa Abbaa ibsuutti fi hojiilee Abbaa hojjechuu gidduu jiru. Inni kun amala walbira qabamuu wantoota lamaa irraa fi gadii Yohaannis (olii fi gadi, hafuura fi foon).

Jechoonni addaa lama Yesuus ergamee fayyadan ni jiru.

1. *Pempō* (4:34; 5:23,24,30,37; 6:38,39,4,44; 7:16,18,28,33; 8:16,18,26,29; 9:4; 12:44,45,49; 14:24; 15:21; 16:5)

2. *Apostellō* (3:17,24; 5:36; 38; 6:29,57; 7:29; 8:42; 10:36; 11:42; 17:3,18,21,23,25; 10:21)

Akkuma 20:21 argisuun moggaawwan ni jiru. Inni dabalataanis amantoonnis akka bakka buutota Abbaatti kaayyoo qulqulleessuutiif/hafuu hamaa irraa fayyisuutiif gara biyya lafaa badeetti ergamuu isaaniis ni argisiisa (cf. 2Qor. 5:13-21).

MATA DUREE ADDAA: FEDHA (*thelēma*) WAAQAYYOO

WANGEELA YOHAANNIS

- Yesuus fedha Waaqayyo raawwachuuf dhufe (cf 6:38)
- Warra abbaan Ilmaaf kenne guyyaa booddeetti du’aa kaasuuf (cf. 6:39)
- Kanneen Ilmaatti amanan hunda (cf. 6:29,40)
- Kadhatoota fedha Waaqayyo hojjechuudhaaf walitti firoomu deebisuu (cf. 9:31 fi 1Yoh. 5:14)

WANGEELA WAL FAKKAATAN

- Fedha Waaqayyoo hojjechuun baay’ee barbaachisaadha (cf. Mat. 7:21)
- Fedha Waaqayyoo hojjechuun oboleessaa fi obboleetti tokko Yesuus wajjin nama taasisa (cf. Mat. 12:50; Mar. 3:35)
- Namni wayiituu baduun fedha Waaqayyoo miti 18:14; 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9)
- Calvaryn Yesuusiif fedha Waaqayyooti ture (cf. Mat. 26:42; Luq. 22:42)

ERGAAWWAN PHAAWULOOS

- Bilchinaa fi tajaajila manatootaa hunda (cf. Rom. 12:1-2)
- Amantoota bara hamaa kana irraa luba ba’an (cf. Gal. 1:4)
- Fedhiin Waaqayyo karoora hafuura hamaa irraa qulqulleessuu Isaat ture (cf. Efe. 1:5,9,11).
- Amantoonni jireenya Hafuuraan guutame shaakalaa fi jiraachutti jiran (cf. Qol. 1:9)
- Amantoonni kan muudaa hin qabnee fi guutuu ta’anii uumaman (cf. Qol. 4:12)
- Qulqullummaatti jiraachuu amantootaa (cf. 1Tas. 4:3)
- Amantoota wantoota hundaan galata kennan (cf. 1Tas. 5:18)

ERGAAWWAN PHEXROS

- Amantoonni sirri hojjechuu (i.e, aboowwan siviiliitiif erguu) akkasumas sababuma kanana namoota gowwootaa akka afaan qabatan gochuu, ergamoota wangeelaatiif carraa uumuu (cf. 1Phex. 2:15).
- Dhiphina amantootaa (cf. 1Phex. 3:14; 4:19)
- Amantoonni jireenya jireenya dhuunfaa isaanii walteesse jiraachaa hin jiranu (cf. Phex. 4:2)

ERGAAWWAN YOHAANNIS

- Bara baraa turuu amantootaa (cf. 1Yoh. 2:17)
- Amantoonni kadhata deebi'eef ijoodha (cf. 1Yoh. 5:14)

4:35 “Haamaan ji’a afur booddee ni ta’a” Inni kun gaalee bakka buusaa isa dirqamni hafuura amma ta’uudhaaf carraan jiraachuu argisiisa! Namni bara jireenyaa Yesuus itti amantiidhaanni fayyu ture; erga du’aa ka’een booddee qofaa hin turre.

4:36-38 “Tokko ni facaasa, kunis ni haama” Waraabiileen kunniin ergama raajotaa ykn kan Inni kun 1Qor. 3:6-8 keessatti walitti dhufeenya ergama Phaawuloosii fi ergama Apholiyoos gidduu ture keessatti faayidaa irra ooleera.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 4:39-42

³⁹ Sababii dubartiin, “Waan ani kanaan dura hojjedhe hundumaa anatti hime” jettee dhugaa baateef, mandara sanaa warri Samaariyaa baay’een Isatti amanani. 40 Warri Samaariyaa kunis yeroo Isa bira ga’an, Isaan bira akka turuuf Yesuusin kedhannaan, Inni guyyaa lamaaf Isaan bira ture. 41 Namonni sonaan baay’eenis dubbii Isaatiif jedhanii itti amana. 42 Jarri garuu dubartittidhaan “Eгаа nuyi si’achi waan ati dubbatteef amanna miti; nuyi ofuma keenyaa dhageenyeera, Inni kun dhuguma fayyisaa biyya lafaa akka ta’es ni beekna jedhan.

4:39 “warri Samaariyaa baay’een Isatti amanani” Yohaannis jechoota biroo wajjin walitti hidhuudhaan GOCHIMA “amanu” jedhutti ni fayyadama. “itti amanu” (en), “isa amanuu” (hoti), fi yeroo baay’ee “isatti amanuu” (eis) itti abdi dhiisuu (cf. 2:11,24; 3:16,18,36; 6:29,35,40; 7:5,31,38,48; 8:30; 9:35,36; 10:42; 11:25,26,45,48; 12:11,37,42,44,46; 14:1,12; 16:9; 17:20). Jalqabarra dubartittiin waan dhugaa baateef warri Samaariyaa ni amanani (w. 39), garuu immoo erga dhunfaadhaan dhuga ba’uumsa Isaa ni fudhatani (ww. 41-42). Yesuus hoolota Isiraa’el badaniif dhufe ture, garuu immoo waneelli Isaa dhala namaa hundumaaf ture. Warra Samaariyaa dubartii syro-phoenician, loltoota Roomaa (cf. Rom. 10:12; 1Qor. 12:13; Gal. 3:28-29; Qol. 3:18) Mata Duree Addaa 2:23 irratti ilaali.

▣ **“sababii dubartiin dhugaa baateef”** Ergaa Waaqayyo dhuga ba’uumsa dubartii amantii hin qabnee fi safuu hin beekneetti waa’ee ba’ee, Inni kan koo fi kan keessanittis waa’ee ni ba’a! Waraabiin kun addatti mul’achuu dhuga ba’uumsa nama tokkoo ni argisiisa. Mata Duree Addaa: Yesuusiiif dhugaa ba’uu 1:8 irratti ilaali.

4:40

NASB, NRSV “kadhannaan”
NKJV “gaafannaan”
TEV,NJB “kadhannaan”

Inni kun jecha cimaa Giriikii, waan ta’eefis “kadhannaanitti” hiikamuutu isaaf ta’a. Jabinni jecha kana fayyadama isaa w. 47 keessaatiin ilaallamuu ni danda’a (cf. Luq. 4:38).

4:42 “Fayyisaa biyya lafaa” Aangoon bakka hundatti beekamaan kun 1Yoh. 4:14 keessattis faayidaarra ooleera. Inni dabalataanis ilaalcha addunyaa guutuu keessatti jaalala Waaqayyo dhla namaa hundaaf qabuufis faayidaarra ooleera (cf. 1Xim. 2:6; Ib. 2:9; 1Yoh. 2:2). Kakuun/abdiin Uma. 3:15 raawwatameera! Jaarraa tokkoffaa keessatti gaaleen kun yeroo baay’ee Qeesaariif fayyada ture. Ari’atamuun warra Roomaa kan ta’e sababa kiristiyaanonni aangoo keenaa addatti yesuusiiif fayyadamaniifi. Aangoon kun dabalataanis attamittiin

barreessitoonni Kakuu Haaraaangoowwan Waaqayyo Abbaa Ilmaaf akka kennan ni argisiisa. Tit. 1:3-Tit 1:4, Tit. 2:10- Tit 2:13; Tit. 3:4- Tit 3:6

Warri Yihudootaa Yesuusiin hin fudhanne ture (cf. 1:11), garuu immoo warri Samaariyaa saffisaa fi salphaadhumatti Isa fudhatan (cf. 1:12)!

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 4:43-45

⁹Guyyaan lamaan sana booddees Yesuus achii ba'ee kutaa biyya Galiilaa dhaqe. 44Innumtuu ofii Isaatii illee raajiin tokko biyya Isaa keessatti akka hin fudhatamne dubbatee ture. 45Warri Galiilaas gara ayyaanichaatti ol ba'anii guyyaa ayyaanaa sana Yerusaaletti kan Inni hojjete hundumaa waan arganiif, yeroo Inni Galiilaa ga'e Isa siman.

4:43 Waraabbiin kun isa Wangeelota walfakkaatan keessatti namni tokko yaaduun caalaatti Yesuus Yihudaa fi Galiilaa gidduu yeruma hunda soomaan bilisaan akka socho'e ni argisiisa.

4:44 Inni kun waraabbii yeroo baay'ee baratamee miti, sababniin isaas qabiyyee itti aanu wajjin wal hin simatu waan ta'eef. Inni tarii ergama warra Galiilaa isa jalqabuuf ture eeruu mala (cf. 4:3) Mammaaksi kun dabalataanis Mat. 13:57; Mar. 6:4; Luq. 4:24 keessatti ni argama. Wangeelota walfakkaatan keessatti inni Galiilaa ni eera, asirratti garuu Yihudaa eera.

Warri Galiilaatiis Yesuus "fudhatan" ni himama, garuu immoo baay'een isanaa itti fufeenyaan Isa hordofuu ni didani akkasumas booddeerra Isa ni ganani. "Amanuu" fi "fudhachuun" simannaa jalqabaa caalaa of keessatti ni hammata (cf. Fakkeenya Biyyo Mat. 13:18-23; Mar. 4:12-20; Luq. 8:11-15). Mata Duree Addaa Barbaachisummaa Hojjechuu itti fufuu 8:31 keessatti ilaali.

4:45 "Warri Galiilaa Isa sime" isaan dursaniitumaa yeroo daawwannaa Ayyaana Faasikaa Yerusaaletti barsiisotaa fi dinqiiwwan Yesuusi shaakalanii turani. Inni kun kan argisiisu hamma tokkos ta'u (cf. w.48) isaan akka Masihii (cf. 1:12) Waaqayyootti Yesuusitti amanuu isaaniti.

▣ "gara ayyaanichaatti ol ba'anii" Macaafni Qulqulluun NET isa kana akka yaada dabalataa barreessichaa, akka isaan w.40 hunda raawwatanii ni eera (cf. NRSV,NIV).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 4:46-54

⁹ Inni deebi'ee Qaanaa Galiilaa iddoo itti bishaan daadhii wayiniitti geeddare ni dhufe. Qifirnaahomis namichi mootiidhaaf hojjetu tokko ture; ilmi isaa duraa dhukkubsatee ture. 47Yesuus Yihudaadhaa Galiilaa dhufuu Isaa yommuu dhaga'es, namichi gara Isaa dhaqee Qifirnaahomitti gad bu'ee, akka Inni ilma Isaa du'atti dhi'aate fayyisuuf Yesuusiin kadhate. 48yesuus immoo, "Silaa milikkita fi dinqii yoo arguudhaabaattan hin amantan" jedheen. 49Namtichi mootiidhaaf hojjetu suni, "Yaa Gooftaa kottu, mucaan koo utuu hin du'in gad ba'i!" jedheen. 50Yesuus immoo "Dhaqi! Ilmi kee siif ni jiraata" ittiin jedhe; namtichis dubbicha Yesuus isatti dubbate amanee dhaqe. 51Gara manaatti otuu inni adeemaa jiruu, hojjettoonni isaa karaatti itti dhufanii, ilmi isaa du'a akka oole ittihima. 52Inni immoo sa'aatii mucichi itti fooyya'e isaan irraa qorannaan, isaan immoo "kaleessa sa'aatii torbaffaatti dhagna-gubaan isa dhiise" jedhaniin. 53 Yommuu abbaan mucichaa yeroo itti Yesuus, "Ilmi kee siif ni jiraata" ittiin jedhetti ta'uu isaa hubate. Kana irratti inni namoonni isaa hundinuus ni amana. 54Yesuus Yihudaadhaa gara Galiilaatti erga deebi'ee, kanaan milikkita lammaffaa gochuu isaati.

4:46

NASB,NRSV

NJB "hojjetaa mootii tokko"

NKJV "sanyii warra moototaa tokko"

TEV "hojjetaa mootummaa tokko"

Inni sun hojjetaa mootii tajaajilaa maatii Heerood ture.

4:48 “**Silaa milikkitaa fi dinqii yoo arguudhaabaattan hin amantan**” Inni kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE, DACHAA NEGATIIVII isa cimaa tokko wajjin jiruudha. Yihdoonni milikkitoota barbaadu ture (cf. 2:18; 6:2,30; Mat. 12:38; 16:1). Garuu immoo hojjetaan Herood kun otuu milikkinni hin kennamiiniif dura amante ture.

4:49 “mucaa” Waraabbiilee sadi keessatti Yohaannis jechoota adda addaa sadi ni fayyadama.

1. w.49 – *paidion* (NASB, “mucaa”)
2. w.50 – *hyiōs* (NASB, “ilma”)
3. w.51 – *pais* (NASB, “ilma”)

Ifumaan ifatti jechoonni kunniin moggaadhaan faayidaarra oolan ture.

4:50 Waraabbiin kun barbaachisummaa wangeela Yohaannis ni qaba. Yesuusitti amanuu, dubbiiwwan Isaatti amanuu, gochaawwan Isaatti amanuu, Namummaa Isaatti amanuu! Amantiin namticha kanaa arguu waadaa Yesuus malee Isatti amanuu ni mirkanaa’e.

4:53 “inni namoonni isaa hundinuus ni amana” Inni kun gochaawwan danuu keessaa isa jalqabaati, amantiin nama tokko yommuu guutummaa Maatii irratti dhiibbaa geessisu.

1. Qorneelios (HoE 10:44-48)
2. Liidiyaa (HoE 16:15)
3. Eegaa mana hidha Filiphisiyyus (HoE 16:31-34)
4. Kiriisphos (HoE 18:8)
5. Isxifaanoos (1Qor. 1:16)

Waa’ee jijjiirama maatii kana mare/mormii baay’eetu ka’a, garuu immoo miseensonni hundinuu dhuunfaadhaan Yesuus ofii isaaniitii fudhachuuf akka barbaadan cimee dubbatamu qaba. Warri Gidduu Gala Baha aadaa hommaayyaa caalaa gosaa fi maatiidhaan ni ibsamu. Dhugaadha, adda ta’uun namoota kan biroo jireenya keenya keessatti filannoowwan keenya irrattis dhiibbaa ni fida.

4:54 Milikkinni namoota danuu fuulduratti godhame inni jalqabaa cidha Qaanaa irratti isa ta’e ture (cf. 2:1-11)

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yesuus maaliif ture biyya Yihudii kan gadi dhiisee tureef?
2. Yohaannis yeroo Roomaatti moo yeroo Yihudaat fayyadama?
3. Haasana Yesuus dubartii Samaariyaa wajjin godhee ture maaliif sirriitii barbaachisaa ta’ee?
4. Attamittiin waraabbii 20 walitti dhufeenya gartuuwwan amantii har’aa gidduu jiru irratti dhiibbaa kan fiduu danda’u?
5. Ibsa isa Yesuus waraabbii 26 keessatti isa garmalee hin baratamnee fi dinqii ibsi.
6. Warri Galiilaa amantii dhugaa shaakalanii turanii?

YOHAANNIS 5

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Fayyina bishaan kuufamaa biraa	Namtici tokko bishana kuufamaa Bezataa biratti ni fayye	Guyyaa Sanbataatti fayyuu namticha Naafaa	Fayyina bishaan kuufamaa biraa	Qulqullaa'uu Namticha dhukkubsataa Bakka bishaan kuufamaa Betazaataa
5:1-9a	5:1-15	5:1	5:1-6	5:1-9a
5:9b-18		5:2-9a		5:9b-18
			5:7	
			5:8-9a	5:19-47
		5:9b-18	5:9b-10	
			5:11	
			5:12	
			5:14	
			5:16	
			5:15-17	
	Abbaa fi Ilma kabajuu		5:18	
Aangoo ilmaa	5:16-23	Mulata yesuus Waaqayyooif	Aangoo ilmaa	
5:19-29		5:19-24	5:19-23	
	Jireenyii fi Firdiin karaa Ilmaatiini			
	5:24-30		5:24-29	
		5:25-29		
		Ragaa Mul'ata Yesuus Waaqayyooif	Dhugaa ba'uumsa Yesuusiiif	
5:30		5:30	5:30	
Dhuga ba'uumsa Yesuusiiis godhame	Dhugaa ba'uumsa dacha afur			
5:31-40	5:31-47	5:31-38	5:31-40	
		Yesuus warra kennaa Isaa hin fudhanne Ni ifata		
		5:39-47		
5:41-47			5:41-47	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

5. Keyyata tokkooffaa
6. Keeyyata lammaffaa
7. Keyyata sadaffaa
8. kkk

QO’ANNOO JECHAA FI GAALÉE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 5:1-9a

¹Yeroo kana booddee ayyaanni warra Yihudootaa ture, Yesuus Yerusaaalemitti ol ba’e, 2”karra hholaa” isa jedhamu isa masaraa mandara Yerusaaalemitti galchu bukkeedhaan bishaan kuutamaan, afaan Ibraayisxiitti, “Betzzataa” jedhamu tokko ture, bishaan sana bira godoo babal’aa shantu ture. 3namoonni dhukkubsatan baay’een, warri jaamaan, warri naafatan, warri dhagni isanaii gar tokko du’es godoota sana keessa ciisanii, [raafamuu bishaanichaa ni eeggatu turan. 4Ergamaan Waaqayyoo yeroo yerootti golba bishaanichaa keessa lixee isa ni raasa; raafamuu isaa booddee namni dura bishaanicha keessa lixe dhukkuba isa kamittii iyyuu ni fayya ture] 5Namni waggaa soddonii saddeet dhukkubsate tokko achi ture. 6Yesuus yommuu namicha dhukkubsatee ciisu sana arge, yeroo dheeraa hammana ga’u dhukkubsachuu isaa era beekuee, “Fayyuu barbaaddaa” jedhee isa gaafate. 7Namichi dhukkubsataan sun, “Gooftaa bishaanichi yommuu raafamu kuufama bishaanichaa, keessa nama na bauusu hin qabu, ofii kootii immoo utuu ani itti rakkadhuu, namni biraa na dura keessa lixa” jedhee deebiseef. 8Yesuus immoo “ka’i siree kee fudhadhuutii adeemi!” ittiin jedhe. 9Namtichis achumaan fayyee, siree isaa fudhatee achii adeeme.

5:1 “ayyaanni” Barreeffamonni durii Giriikii tokko tokko, **ጸ** fi c, “ayyaanicha” qabu, garuu immoo irra jireenyi barreeffamoota “ayyaana” qabu (pp⁶⁶,p⁷⁵, A,B fi D), Ayyaanoonni kanneen warra dhiiraa warra Yihudootaati hamma danda’ameen irratti sadi ni jiru (cf. Lewoota 23); (1) Faasikaa (2) Ayyaana Phenxeqostee fi (3) Ayyaana mana qulqullummaa. Inni ayyaana Faasikaaf eera, san abooda Yesuus bakka sadanii waggoota afur ummata itti tajaajilee ni qaba (cf. 2:13,23; 6:4; 12:1). Akka aadaatitti cuuphaa Yohaannisiin booddee Yesuus tajaajilaa fuullee waggoota sadii taasise ni dubbatama. Inni kun ayyaanota Faasikaa Wangeela Yohaannis keessatti eeramaniin qofaa kan mirkanaa’aniidha.

☐ **“ka’i siree kee fudhadhuutii adeemi!”** Yesuus gara ayyaanota Yerusaaalem keessaa yeroo danuu akka deeme ni dubbatama (cf. 2:13, 5:1; 7:10; 12:12).

Yerusaaalem iddoowwan ol ka’aa torba irratti waan ijaarante turteef lafa naannoo sanaa irra iddoo ol ka’aa irra jirti ture. Haa ta’u malee, inni ciigoo bakka bu’u hunda caaluu kan ture wayiit fakkaata. Yerusaaalem, sababa Mana Qulqullummaatiin, lafarraa iddoo ol ka’aa fi giddu gala (handhura) lafaa turte.

5:2 “karra hoolaa” “Balballi hoolotaa kun keenyaan Yerusaaalem gara kaabaa irra ture. Inni deebisee of kennuu fi deebisee ijaaruu keenyaan mandarichaa Nahimiyyaa keessati eerameera (cf. Nah. 3:1,32; 12:39).



NASB,NKJV, “siree isaa fudhatee achii adeeme”
NRSV “afaan Ibraayisxiitti Betesidaa kan jedhamu”
TEV “Afaan Ibraayisxiitti Beetayataa kan jedhamu”
NJB “Afaan Ibraayisxiitti Beetayataa kan jedhamu”

Maqaa kanaaf qubeeleen danuun ittiin qubeeffan ni jiru. Yoseefasiis maqaa Ibraayisxii “Betazathaa” isa kutaa kanaaf maqaa Yeruusaalem ta’etti ni fayyadama. Inni dabalataanis barreeffamotaa Giriikii keessattis “Bethsa’idaa” jedhamee ni waamama. Qumram copper scrolls “Bethesda” hiikni isaas “mana araaraa’ ykn “mana madda dacha” jedhee isa ni waama. Har’a inni iddoo bishaan kuunfamaa (moota) St. Anne’s jedhameet beekama.

Bara Yesuusitti Yihudoonni Filisxeem Armaayikii dubbatu ture, Ibraayisxii hin turre. Yohaannis keessatti yomuu “Ibraayisxii” jedhu Armaayikii jechuudha (cf. 5:2; 9:13,17,20; 20:16; Mul. 9:11; 16:16). Ibsoonni Yesuus hundinuu kanneen akka

1. *Talitha kum*, Mar. 5:41
2. *Ephphatha*, Mar. 7:34
3. *Eloi, Eloi, lama sabachthani*, Mar. 15:34

Afaan Armaayikiitini.

5:4 Waraabbiin kun (3b-4) yaada barreessitoota booddee isa wantoota armaan gadii ibsuuf yaaluudha.

1. Argamuu namoota dhukkubsatan hunda bishaanicha kuufameen
2. Sababa namtichi kun yeroo dheeraadhaaf achi akka ture
3. Sababa inni namni wayii akka isa keessa buusu akka barbaade; w.7

Inni ifumatti mammaaksa saba Isiraa’el bal’aati. Inni sun kutaa Wangeela Yohaannis isa jalqabaa hin turre.

Ragaan waraabbiin kun itti hin makamiinii

1. Barreeffamoota p⁶⁶,p⁷⁵,x,B,C*,D keessa hin jiru
2. Barreeffamoota Giriikii dabalataa 20 ol keessatti mallattoo urjii fakkaatuun kan mallatteeffameedha, innis kan argisiisu dubbifni kun kan jalqabaa akka hin taaneedha.
3. Waraabbiin gabaabduu kana keessatti jechoonni jechota Yohaannis hin taane danuutu jira.

Inni barreeffamoota Giriikii durii danuu A,C³, K fi L keessatti makameera. Inni dabalataanis Diatessaron (gara A.D. 180) fi barreeffamoota Terlullian (A.D 200,k Ambrose, Chrysostom, fi Cyril keessattis dabalamee jira. Inni kun abmaa ta’uu isa ani argisiisa, garuu immoo Wangeela isa dammaqaa durii keessatti hin dabalame. Inni KJV, NASb (bara 1995 haareffame bantuuwwaniin keessatti dabalameera fi NKJV, garuu immoo NASB (1970) NRSV, NJB, REB, NET, bible, fi NIV keessatti liqimfamee.

Marii gaarii adda addummaa barreeffamoota qeeqa dubbisaa jecha wangeelummaatiif, Gordon Fee, to What End Exegesis? Ff. 17-28 ilaalaa.

5:5-6 Nama addaa kana Yesuus maaliif akka filate nuuf kan hi beekammedha. Inni yeroo dheeraadhaaf achi turuu ni danda’a. Gama nama kanaatiin amantiin xinnoon wayii barbaaddamu ni jira. Addumatti karaa hin shakkisiisneen Yesuus dura buutota warra Yihudootaa wajjin fuulleetti walitti dhufuu kakaasu yaalaa tureera. Inni kun immoo gaaffiiwwan masihummaa Isaa akka kaasuuf carraa uumeefii jira. Dubbisni estalogical Isa. 35:6 tarii fayyisuu Masihii kana wajji walitti dhufuu ni mala.

Dinqiiwwan Yesuus baay’een Isaanii kophaatti dhuunfaadhaaf kan raawwataman hin turre, kanneen dammaqaniif garuu hojjetamaniiru.

1. duuka buutota
2. warra aangoo Yihudootaa
3. maccaaf

Wangeelonni ifumaan ifatti Yesuus eenyu akka ture ibsuudhaaf dinqiiwwan tokko tokko ni filu. Gochaawwan kunniin bakka buutota gochaawwan/hojjiwwan bara isaati. Isaan kan filataman

1. nama ta’uu Isaa gara laafassa ta’uu Isaa
2. humna Isaa
3. aangoo Isaa
4. aangoo Isaa
5. mul’ata Isaa kan Waaqayyo isa ifa ta’e

6. mul'ata Isaa kan bara Masihummaa ifa ta'e; argisiisuufi.

5:8 “siree isaa fudhatee achii adeeme” Inni kun abboommii/ajaja cimaadha.

1. PRESENT ACTIVE IMPERATIVE
2. AORIST ACIVE IMPERATIVE dhaan kan hordofamu
3. Sana booda PRESENT ACITVE IMPERATIVE kan biroo,

Sireen sun dibdaaba uffataa isa iyyeessichi irra ciisuuf itti fayyadame ture. Warra dhukkubsataniif, warra naafaa fi warra qaamni isaanii gamsni du'eef inni bara sanatti akka hin miidhamneef afamu ture (cf. Marqos 2:4,9,11,12; 6:55 HoE 9:33).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 5:9b-18

⁹Guyyaan namichi kun fayye guyyaa Sanbataa ture. ¹⁰Yommus warri Yihudootaa namicha fayye sanaan, “Hari’ Sanbata. Siree baachuu seerri si dhoowwa” jedha. “Inni garuu deebisee, “Namicha Isa ana fayyisetu, ‘Siree kee fudhadhuutii adeemi!’ naan jedhe,” isanaiin jedhe. ¹²Isaan immoo “Eenyu namichi Siree kee fudhadhuutii adeemi jedhee sitti hime?” jedhanii isa gaafatan. ¹³Namichi fayyise sun garuu eenyu akka isa fayyise hin beekne, Yesuus immoo namoonni iddoos sanatti waan tuula’aniif achii adeemee ture. ¹⁴Ergasii Yesuus namicha fayye sana mana qulqullummaatti argatee, kunoo amma fayyiteerta, egaa kan kana irra caalu akka sitti hin dhufnetti, si’achi cubbuu hin hojjetiin!” ittiin jedhe. ¹⁵Namichi yommus dhaqee, kan isa fayyise Yesuus akka ta’e warra Yihudootaatti hime. Yihudoonni kaana irratti, Yesuus hojii akkasii guyyaa Sanbataatti waan hojjeteeff, isa ari’achuutti ka’an. ¹⁷Yesuus garuu “Abbaan koo amma iyyuu hojjechuuti jira, Ani immoo nan hojjedha” jedhee isaanitti dubbata. ¹⁸Kana dhageenyaani Yihudoonni, Yesuus seera Sanbataa kan cabse duwwaa otuu hin ta’in, Waaqayyo abbaadhuma kooti jechuu isaatiin immoo ofii Isaa Waaqayyotti qixxeesera jedhanii Isa ajeessuudhaaf caalchisanii yaadan.

5:9b “Guyyaan namichi kun fayye guyyaa Sanbataa ture” Dura buutonni warra Yihudootaa sirumaayyuu fayyuu namtichaatti hin gammanne ture, garuu immoo Aadaa Afaanumaan himamaa ture (booddeerra Tlumd keessatti sera ta’e) Sanbata wajjin wal qabate (cf. ww. 16,18; Mat. 7:1-23).

Fayyisuun Yesuus gaafa guyyaa Sanbataarraa karaa lamaan ibsamuu ni danda’a.

1. Inni guyyuma hundaa fayyisee ture, garuu immoo mormiiwwankan dagaagan fayyina guyyaa Sanbataa irratti
2. Inni dura buutota amantiitiif haasoo ti’oolojii daabiloos gaafa Sanbataatti baasuu (cf. mat. 12:9-14; Mar. 1:29-31; 3:1-6, Luq. 6:6-11; 14:1-6; Yoh. 5:9-18; 9:14) irratti hirmaachuuf carraa falmii uumuuf ture yaada kana kan fialte.

Yesuus guyyaa Sanbataatti seexana ni baase (cf. Mar. 1:21-28; Luq. 13:10-17). Yesuus nyaachuu duka buutota guyyaa Sanbataa ni morme (cf. Mat. 12:1-8; Mar. 2:23-28). Yesuus dhimmoota Falmii keessatti kankaase guyyaa Sanbataati (cf. Luq. 4:16-30; Yoh. 4:14-24).

5:13 “Yeree.. achii adeemee ture” Inni kun jechumaaf jechatti “mataa gara tokkotti dabsuu”dha. Yesuus akkuma nama akkasumaanii Yihudii bara isaat fakkaate. Inni maccuma keessatti ni makame.

▣

NASB, NRSV,

NJB

NKJV

TEV

“si’achi cubbuu hin hojjetiin”

“kana booda cubbuu hin hojjetin”

“cubbuu hojjechuu dhaabi”

Inni kun PRESENT ACTIVE IMPERATIVE NEGATIVE PARTICIPLE wajjin isa hiikni isaa gochaawwan asiin dura keessa turan, akka dhaaban jedhu yoo ta’u, garuu immoo dubbisa kana keessattiinni kun san hin fakkaatu (cf. NET Bible, f. 1907 #8). Yihudoonni jaarraa tokkoffaa dhukkuba cubbuudhaan walitti fidanii ilaalu ture (cf. Yaaqob 5:14-15). Akka namticha dhalootaa kaasee jaamaa ture Yesuus fayyisee san irraa yo ilaallamu, (cf. Yoh. 9) fi dubbiwwan Yesuus Luq. 13:1-4 keessatti Inni kun dhukkuba hunda ahin ibsu.

Yesuus jireenya hafuuraa namicha kanaa wajjin hojii hojjechaa jira. Gochaawwan keenya garaa fi amantii keenya ni calaqqisiisu. Amantiin Macaafa Qulqulluu lmaanuu qabatamaa fi yaada dhuunfaa irratti kan hundaa'e, lamaanuu amantii fi gochaadha.

Har'a waldootii Kiristiyaanaa keessatti fayyinni foon irratti xiyyeeffatame ni jira. Waaqayyo ammayyuu sirrumatti ni fayyisa. Garuu immoo fayyinni Waaqummaa jijjiirama hafuura haala jireenyaa fi dursa argachuu irratti bu'aa argisiisuu qabu. Gaaffiin inni gaariin "maaliif kan fayyite ta'uu barbaadda?" kan jedhuudha.

MATA DUREE ADDAA: FAYYINNI (HEALING) KAROORA BAROOTA KAMIIFUU WAAQAYYOTII

1. Fayyinni kallattii adda ba'e ergama Yesuusii fi Ergamoota Isaa ture.
2. Inni jalqabarra waa'ee Waaqayyoo fi Mootummaa Isaa ergaa isaanii kan bu'uraa mirkaneessuuf kan karoofate ture.
3. Inni garaa Waaqayyoo namoota miidhuuf ni argisiisa.
4. Waaqayyo hin geeddaramne (Mil. 3:6) akkasumas immoo Inni ammayyuu jaalala fayyina ni raawwata.
5. Fakkeenyooni iddoowwan fayyinni itti hin taanee ni jira
 - a. Phaawuloos, 2Qor 12:7-10
 - b. Trophinuus, 2Xim. 4:20
6. Cubbuu fi dhukkubsachuun rabbiiwwanii fi Yaaqob keessatti gamtaa'anii turani 9cf. Yoh.1 9:2; Yaq. 5:13-18).
7. Fayyinni abdi Kakuu Haaraa miti. Inni dhagna qalbii diddiirrannaa Isaayyaas 53 fi Faarsaa 103 keessatti ibsameetii miti.
8. Waa'ee maaliif namoonni tokko tokko fayyanii namoonni tokko tokko immoo hin fayyines dhoksaan dhugaa ni jira.
9. Hammamiyyuu fayyuun bara/umrii kamiyyuu keessa jiraatullee bara jireenyaa Yesuusitti caalaatti dabalun ni jira ture, caalaatti dabalun kunis lammatas deebi'uu Isaatiin duras ta'uun isaa waan danda'amuudha.

5:15 “Namichi yommu dhaqee, kan isa fayyise Yesuus akka ta’e warra Yihudootaatti hime” dadammaqinisi isaa odeeffannoo kennuu warra aangoo qabeessa wara Yihudootaa duuba jiru kan mirkanaa'e miti.

1. Inni yaada maleessa kan ta'e gochaa waan barbaachisaa hin taane, is afayyinni amantiidhaan akka jalqabu ykn amantiidhaan akka xumuru argisiisu wait fakkaata.
2. Yesuus akka inni akkas godhu itti ni hime (cf. Mat. 8:4; Mar. 1:44; Luq. 5:14; 17:14)

5:16 “Abbaan koo amma iyyuu hojjechuuti jira, Ani immoo nan hojjedha” GOCHIMICHI IMPERFECT ACITVE INDICATIVE isa gochaa yeroo darbe itti fufiinsa qabu argisiisuudha. Inni kun guyyaa Sanbataarra fayyisuu Yesuus isa jalqabaa (ykn isa dhumaa) hin turre!

5:17

NASB “Inni garuu... isaanitti dubbate”

NKJV, REV

NRSV,NIV “yesuus garuu deebisee ni dubbatee”

NJB “Deebiin Inni isaaniif deebisee... ture”

Barreessitoonni kannee barreeffamoota Giriikii durii garagalchan

1. caasluuga addeessuuf
2. eerota maqeessaa adda gochuuf
3. gaaleewwan sadarkaa eegsiisuu

Kallattii ofii isanaii ni qabu ture. Gosonni w.17 isa jalqabaa fi sirrii keessaa kam akka ta'e beekuuf ni ulfaata/cimaadha.

1. “garuu Inni...” p⁷⁵, ⚡, B, W

2. “garuu Yesuus...” p⁶⁶, A, D, L
3. “garuu Gooftaan...” ykn “Gooftaa yesuus” hiikkaawwan syriac UBS⁴ filannoo #2tiif sadarkaa “C” (murteessuuf is alfaataa ta’e) ni kenna.

▣ **“Kana dhageenyaani Yihudoonni”** PRESENT MIDDLE (deponent) INDICATIVESdha. Yesuus Abbaan guyyaa Sanbataatitti wanta gaarii gochuu akka hin dhaabne akkasumas Ilmis akkasuma akka ta’e ibsaa ture (waraabsii kanarratti gaariitti mari’achuuf Manfred Brauch, *Abusing Scripture*, f. 219 ilaalaa). Inni kun miira dhugaadhaan, hubannaa addaa yesuus walitti dhufeenya Abbaa wajjin qabu kan mirkaneessu ture (cf. ww. 19-29).

Ilaalchi Waaqayyo tokkicha kophaatti amanuu warra Yihudootaa (cf. Kes. 6:4) jecha kana keessatti haala qabatamaa ta’een ibsa gochaa sababa tokko keessatti ibsameera (cf. Abo. 9:23, Iy. 2:10; Lal. 7:4; Isa. 45:7; 59:16; Faru. 3:33-38; Amo. 3:6). Gochaawwan hundinuu karaa dhuma hin qabneen gochaawwan Waaqayyo tokkicha dhugaati. Yommuu Yesuus Gochaawwan Waaqayyoo biyya lafaa keessatti bakka bu’iinsi lamaanuu ta’uu qaba jedhu, sochiin Waaqummaa lamaanuu akka ta’uuf cimsee dubbate. Inni kun rakkina cimaa sadan Waaqa tokko irra jiruudha. Waaqayyo tokko, garuu immoo ibsamuu qaamaa/adhagna sadi’ii (cf. Mat. 3:16-17; 28:19, Yoh. 14:26; HoE. 2:33-34; Rom 8:9-10; 1Qor. 12:4-6, 2Qor. 1:21-22; 13:14; Gal. 4:4; Efe. 1:3-14; 2:18; 4:4-6; Tit. 3:4-6; 1Phex. 1:2). Mata Duree Addaa Sadan Waaqa tokko 14:26 irratti ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 5:19-23

¹⁹Yesuus itti fufee, “Dhuguman isinitti hima, Ilmi ofumaa Isaatiin homaa gochuu hin danda’u, isa Abbaan Isaa hojjetu ilaalee ni hojjeta, isuma Abbaan hojjetu Ilmis immoo akkuma kanatti ni hojjeta. 20Abbaan Ilma ni jaalaa, ofii Isaatii kan hojjetu hundumaa Ilmatti ni argisiisa; isin akka dinqifattaniif Inni hojii kana irra caalu iyyuu Isatti argisiisuuf jedha. 21Abbaan warra du’an kaasee akkuma isaan jiraachisu Ilmis immoo warra barbaadu ni jiraachisa. 22Abbaan ofii Isaati homaattuu hin faradu, firdii hundumaa harka Ilma Isaatti kenneera malee. 23 Hundinuu Abaadhaaf ulfina akkuma kennanitti Ilmaafis ulfina haa kenna; Ilmaaf ulfina kan hin kennine, Abbaa Isa Ilma Isaa ergeefis ulfina hin kennu.

5:18 “Kana dhageenyaan Yihudoonni Isa ajeessuudhaaf caalchisanii yaadan” Sababonni Yihudoonni Yesuusiin ajjeesuuf turanii lamatu jira ture.

1. Inni macca fuulduratti Aadaa Baratame (Talmud) Sanbata ilaalchisee ni cabse (jechuumaaf jedha “dhiise” IMPERFECT ACITE INDICATIE, cf. Mat. 5:19).
2. Ibsi isaa Inni akka Waaqayyo wajjin qixxee ta’e argisiisuu isa ahubachuu isaanii ni argisiise (cf. 8:58-59; 10:33; 19:7).

5:19,24,24 “dhuguma, dhuguma” Inni kun jechumaaf jechatti Ameen, Ameen jechudha. Jechi “ameeniin” hiikkaa Ibraayisxii irraa hiikameedha. Inni jalqabuma irraayyuu amanamuummaa jechuudha. Inni dhugaa mirkaneessuuf faayidaarra ooluuf dhufe. Yesuus nama tokkicha jecha kana jalqaba ibsaa irratti itti fayyadamuun beekamuudha. Inni itti kan dhimma ba’eef ibsoota agarsiisoo ta’an akka seensaatti fayyadamuufi. Yohaannis dacha’uu jecha jalqaba kanaa galmeessuudhaan nama tokkicha. Mata duree addaa Ameen 1:51 keessatti ilaali.

5:19 “Ilma” Waraabiilee muraasa itti aanan keessatti irra deddeebiin jecha “Ima” jedhu gama ti’oolojiitii kan baay’ee barbaachisu ni jira. Inni hubannoo Yesuus walitti dhufeenya Inni Abbaa wajji qabu isa adda ta’e ni argisiisee aangoo “Ilma Namaa” fi “Ilma Waaqayyoo” ni calaqqisiisa.

▣ **“Ilmi ofumaa Isaatiin homaa gochuu hin danda’u”** Akkuma yeroo hunda dhugaa ta’e Kakuu Haaraan Yesuus ibsoota wantoota lama yeroo dhaga’an kan dhugaa hin fakkaanne garuu immoo dhugaa ta’an ni dhiheessa. Kitaabota tokko keessati.

1. Inni isa tokkicha Waaqayyo biraati (cf. 1:1; 5:18; 10:30,34-38; 14:9-10; 20:28)
2. Inni abbaadhaan kan adda ba’e (cf. 1:2, 14,18; 5:19-23; 8:28; 10; 25:29; 14:10,11,12,13; 16:17:1-12)
3. Inni sirumaayyuu Isaaf kan kabajaa kennuudha (cf. 5:20,30; 8:28; 12:49; 14:28; 12:49; 14:28; 15:10,19-24; 17:8)

Inni kun Yesuus guutummaatti Waaqa ta'uu Isaa, garuu immoo namooma beekamaa fi mul'isaa Waaqummaa bara baraa adda ba'e argisiisuu kan danda'u ta'uu ni danda'a.

Gamaaggama John Rymond E. Browniiin gulaalame, The Jerome Biblical Comentary, qabxii gaariin "Ilaalchi aangoo gadii aanaa asirraa kun jechoota yesuus haala namoomaa isaa qofaa eeruudhaan waliigaluun hqamuu hin qabu... Inni dabalataanis Kiristoosii YOhaannis ni dhiisa. Sirumaayyuu, yesuus qindoomina si'aawaa Abbaa fi Ilmaa, isa dhugumattuu jalqabumarraa gaaffii eenyummaa umamaa kaasu isa muudaa hin qabne irratti ni cicha; adeemsi walfakkaataan 16:12 ff keessatti Hafuura Qulqulluu Ilmaa wajjin walitti fiduuf hojii irra oolee jira. Garuu immoo guutummaa Wangeela kanaa keessatti sadan Waaqa tokkoo akka yaada waliigalaa ti'oolojiitti yoo wal'aanamu gonkumaa hin arginu, inni yeruma hundaa ejjannoo Soteriology isaa wajjin walitti dhufeenyaan walitti kan dhihaateedha" (f. 434).

▣ **“isa Abbaan Isaa hojjetu ilaalee ni hojjeta, isuma Abbaan hojjetu Ilmis immoo akkuma kanatti ni hojjeta”** Dhalli namaa gonkumaa Waaqayyoon hin argine, (cf. w.37 fi 1:18) garuu immoo Ilmi beekumsa Isaa yeroo ammaa isa walitti dhufeenya dhuunfaa ta'e ni hima (cf. w. 1:1-3).

▣ **“Abbaan Ilma ni jaalaa, ofii Isaatii kan hojjetu hundumaa Ilmatti ni argisiisa”** Gochaawwanii fi barsiisota Yesuus keessatti namoonni ifumatti Waaqayyo hin mul'anne hin argani (cf. Qol. 1:15, Ibr. 1:3).

5:20 “hojii kana irra caalu” Kunniin PRESENT ACTIVE INDICATIVES kanneen waa'ee gochaawwan itti fufeenya qaban dubbataniidha. Inni kun, *phileō*. Namni tokko akka *agapeō* 3:35 keessatti eeggamuu qaba. Jechoonni lamaan jaalalaa walirraa bu'iinsa koine Greek (D.A Carson, Exegetical Fallacies, 2nd ed, ff. 32-32 fi F.F Bruce, Answers to Questions, p. 73 ilaali) ni qaba.

▣ **“Abbaan warra du'an kaasee akkuma isaan jiraachisu Ilmis immoo”** Dubbisa keessatti inni kun du'aa ka'uu warra du'anii (ww. 21,25-26) akkasumas ajjeechaa firdii (ww. 22,27) ni eera.

▣ **“isin akka dinqifattaniif”** PURPOSE CLAUSE kun ifumatti kaayyoon dinqiiwwan kanneen isa warri Yihudootaa Ilma adda ta'etti amanuu agarsiisuudha (cf. w. 23, HoE 13:41 [An. 1:5]).

5:21 “warra barbaadu ni jiraachisa” Kakuu Moofaakeessatti YHWH isa tokkicha jireenya kennuudha (cf. Kes. 32:39). Dhugaan inni Yesuus warra du'an kaasee nuu ibsa wal qixxummaa YHWH wajjin waluma qixa (cf. w.26).

Yesuus amma (cf. 2Qor. 5:17; Qol. 1:13) isa mul'achuu foonii jireenya bara haaraa w. 26 keessaa wajjinkan wal qabate jireenya bara baraa ni kenna (cf. 1Tas. 4:13-18). Ammayyuu gochaawwan walitti qabaman kan fuulduraa (lamaanuu firdiinii fi fayyinnii) jiraatanillee, inni sun dingata Yesuusitti dhufuun Yohaannis inni dheerate bu'uura dhuunfaattiratti kan hundaa'ee ni fakkaata.

▣ **“Ilmis immoo isa fedhaniif jireenya kenne”** Kamiidhaa Ilmi jireenya kennuuf kan filu? Dubbisa keessatti inni kun Calvinism dhaaf dubbisa mirkanaa'ee miti, garuu immoo ijannoo isa Yesuusitti amanuun jireenya kennuudha (cf. 1:12; 3:16). Dhiphinni 6:44,65 irraa dhufa. Hafuurri “hunda” moo “tokko tokko” filaa? Akka natty fakkaatutti namoonni kufe bulchiinsa hafuuraa hin jijjabeessu, garuu immoo ani karaa Macaafa Qulqulluutiin dhugaa isa isaan qalbii diddiirraanaadhaan, amantiidhaan, abboomamuudhaanii fi ciminaan hojjechuu itti fufuudhaan gadda guddaa Hafuuraatiif deebii deebisuu (akkasumas itti fufeenyaan deebisuu) akka qaban nan carraaqa! Dhoksaan inni fuullee maaliifi warri wangeela dhaga'an “Lakki” kan jedhaniif kan jedhudha! Ani dhoksaa amantii dhabuutiin” jedhee waama. Karaa dhugaatiin inni lamaanuu “cubbuu dhiifama hin arganne” Wangeelotaa fi “cubbuu gara Du'aa geessu” 1Yohaannisidha. Mata duree Addaa 1Yoh. 5:16 irratti ilaali.

MATA DUREE ADDAA: CUBBUU DHIIFAMA HIN ARGANNE HIIKUUF TARIIBA/ADEEMSA EXEGETICAL

A. Wangeelonni yoomessa Yihudii tokkoo calaqqisiisuu isanai yaadadhaa.

1. Cubbuuwwan akaakuu lamaa (cf. Lev. 4:2,22,27; 5:15,17-19; Lak. 15:24-31; Kes. 1:43; 17:12-13).

a. Kan hin yaaddamne

- b. Kan yaadame
- 2. Yomessa Yihudii Phenxeqostee duraa (i.e, guutummaan Wangeelaa fi Hafuuraa ammayyuu hin ibsamne)
- B. Qabiyyee jechaaf jechaa Mar. 3:22-30 yaadannoo qabadhaa
 - 1. Maatiiwwan dhuunfaa amanii Yesuus qabne (cf. 3:31-32)
 - 2. Amanuu dhiisuu warra Farsiisotaa (cf. 2:24; 3:1,6,22)
- C. Cinayyaawwan iddoo ittiaangoon “Ilmi Namaa” gara “ilmaan namootaatti geeddaramu” itti jijjiiramu wal bira qabaa.
 - 1. Mat. 12:22-37 (i.e 12:32, “Ilma Namaatti kan dubbate”)
 - 2. Luq. 11:14-26; 12:8-12 (i.e 12:10 “Ilma Namaatti kan dubbate”)
 - 3. Mar. 3:28 (i.e, “cubbuun hundinuu afaan ilmaan mootaa keessaa ba’e ni dhiifama”)

5:22 COUPLE NEGATIVE N cimaanii fi GOCHIMNI PERFECT TENSE dhugaa isa firdiin Ilma harka akka jiru ni addeessa (cf. 5:27; 9:39 HoE. 10:42; 17:31; 2Xim. 4:1; 1Phex. 4:5). Dhoksaan waraabii kanaa fi Yoh. 13:17 gidduu jiru ifatti mul’atu dhugaa isa Yesuus, turtii “guyyoota dhumaa” keessatti, nama tokko irratti iyyuu hin faradu, garuu immoo dhalli namaa gochaa isaan Yesuus Kiristoosiif qabaniin ofii isaanii irratti ni faradu.

Jireenya bara baraa kennuunii fi firdiin dhaamsa 3:17-21, 36 ture. Kiristoosiin jaalalli Waaqayyoo, yoo fudhatama dhabe dheekkamsa Waaqayyoo ni ta’a. Filannoowwan lama qofaatu jira! Jireenya bara baraa argachuuf karaa tokkicha qofaatu jira, Kiristoositti amanuu (cf. 10:1-18; 14:6; 1Yoh. 5:9-12)!

5:23 “Hundinuu Ilmaafis ulfina haa kennan” jechi walitti qabaa “hunda” jedhu tarii argama firdii eschatological tokko eeruu ni mala (cf. Fil. 2:9-11).

☐ **“Ilmaaf ulfina kan hin kennine, Abbaa Isa Ilma Isaa ergeefis ulfina hin kennu”** Ibsi kun 1Yoh. 5:12 wajjin baay’ee walfakkaata. Namni tokko iyyuu inni Ilma Isaa hin beekne Waaqayyoo beekuu hin danda’u, haaluma kanaanis, inni Ilmaaf kabajaa fi ulfina hin kennine Abbaadhaafis ulfina ykn kabaja kennuu hin danda’u!

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 5:24-29

24 “Dhugman dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga’ee isa ana argetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du’a keessaa gara jireenyaatit darbee malee, gara firdii hin dhaqu. 25Dhuguman dhuguman isinitti hima, yerichi warra du’an sagalee Ilma Waaqayyoo itit dhaga’an dhufuuf jira, ammuma iyyuu dhufeera; warri Isa dhaga’anis ni jiraatu. 26Abbaan ofuma Isaatii burqaa jireenyaa akka ta’e, akkuma kanatti Ilmi Isaas immoo burqaa jireenyaa akka ta’uuf Isaaf kenneera. 27Inni Ilma Namaa Isa ulfina qabeessa waan ta’eef, Abbaan Isaa Firdii akka Inni faraduuf gootummaa kenneeraaf. 28Waa’ee kanaa hin dinqifatinaa; warri du’anii awwaalaman sagalee Isaa yeroon itti dhaga’an ni dhufa. 29Isaan awwaala keessaa ni ba’u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf ni ka’u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhihaachuudhaaf ni ka’u” jedhe.

5:24 “Dhuguman dhuguma” Dachaa himuun adda ta’e Yohaannis jechoota Yesuus (cf. w.25) amala ibsoota adda ta’an beeksisuuti. Mata Duree Addaa 1:51 irratti ilaali.

☐ **“dubbii koo dhaga’ee isa ana argetti kan amanu jireenya bara baraa qaba”** Kunniin PRESENT ACTIVE VERBALS sadi’i. Inni kun xiyyeeffannaa amantii Abbaatti amanuu (Mata Duree Addaa 2:24 irra) isa amantii Ilmatti amanuudhaan shaakalameedha (cf. 1Yoh. 5:9-12). Wangeelota walfakkaatan keessatti jireenyi bara baraa yeroo hundumaa gochaa fulduraa isa amantiidhaaniif abdatamudha, garuu immoo Yohaannis keessatti inni amaluma isaatiin dhugaa yeroo ammaati (i.e 8:51; 11:25). Jechi “dhaga’u” jedhu jecha Ibraayisxii Shemaani calaqqisiisa, san jechuunis “abboomamuuf dhaga’uu” jechuudha (cf. Kes. 6:4).

☐ **“Isa ana erge”** GOCHIMNI *aposellōn* (AORIST ACTIVE PARTICIPLE) bifa hidda jecha “ergamaa”ti (cf. ww.36-37). Inni rabbiiwwan akka wanti ta’e tokko akka abbaa taayitaa ergama ramadameef tokko irratti bakka bu’aa ta’etti erge itti faayidaarra oolee ture. Jechi kun yeruma hundaa Yohaannis keessatti Abbaa Ilma Isaa bakka bu’aa. Isaatti erguutti faayidaa kenneera. Yaadannoo 4:4 irratti ilaalaa.

MATA DUREE ADDAA: ERGUU (*APOSTELLŌ*)

Inni kun “erguu” dhaaf jecha baratamaa Giriikiiti (i.e. *apostellō*). Jechi kun itti fayyadama ti’oolojii danuu ni qaba.

1. Rabbiwwan isa akka isa tokko waame fi erge akka abbaa aangoo bakka bu’aa kan biraa, isa akka Afaan Oromoo keenyaa “ambaasaaddara/lammii” jennuu itti waa’ee ba’aniiru (cf. 2Qor. 5:20).
2. Wangeelonni yeruma hundaa jcha Abbaadhaan ergamuu Yesuus kana itti ni fayyadamu. Yohaannis keessatti jechichi ilaalcha Masihummaa kallattiidhaan hin ibsamne irratti walii ni gala (cf. mat. 10:40; 15:24; Mar. 9:37; Luq. 9:48 fi keessattuu Yoh. 4:34; 5:24,30,37,38; 6:29,38,39,40,57; 7:29; 8:42; 10:36; 11:42; 17:42; 17:3,8,18,21,23,25; 20:21). Inni Yesuus amantoota erguuf ni fayyada (cf. Yoh. 17:18; 20:21).
3. Kakuu Moofaa isa ergamootaaf itti fayyadame
 - a. Kudha lamina ergamoota jalqabaa naannoo (cf. Luq. 6:13, HoE 1:21-22)
 - b. Gartuuwwan addaa gargartota Ergamummaa fi gartota hojjetootaa
 - (1) Barnaabaas (cf. HoE 14:4,14)
 - (2) Andronikosii fi Yuniyaas (KJV, Yuniya, cf. Rom 16:7)
 - (3) Aphoolos (cf. 1Qor. 4:6-9)
 - (4) Yaaqoob obboleessa Gooftaa (cf. Gal. 1:19)
 - (5) Silvanas fi ximotewos (cf. Tas. 2:6)
 - (6) Tiitoo ta’uu danda’a (cf. 2Qor. 8:23)
 - (7) Ephafrodixosi ta’uu danda’a (cf. Fil. 2:25)
 - c. Kennaa waldaa keessatti itti fufeenya qabu. Waaqayyoon akka bakka bu’aa Kiristoositti isaa kenneetti aangoo kana ofii isaatiifni fayyadama. (cf. Rom. 1:10, 1Qor. 1:1; 2Qor. 1:1 Gal. 1:1 Efe. 1:1; 1Xim. 1:1, 2Xim. 1:1; Tit. 1:1)

▣ **“inni du’a keessaa gara jireenyaatit darbee malee, gara firdii hin dhaqu”** Inni kun PERFECT ACTIVE INDICATIVE; isa asiin dura yeroo darbe keessa ta’ee fi isa amma ibsa ta’uu ta’eedha. Mootummaan Waaqayyo amma, siichi egeri, jireenyi bara baraa akkasuma (cf. ww. 25-26; 1Yoh. 3:14). Waraabbiin 25 ibsaa cimaa amam dhihaachuu Mootummaa Waaqayyoo isa cimaa tokko!

5:25 “yerichi dhufuuf jira, ammuma iyyuu dhufeera” Inni kun afaan isa barreeffamootaa Yohaannis adda godhuudha. Jechoonnii fi gaaleewwan yeroo baay’ee miirota lama ni qabu. Dhimma kana keessatti “yeroo jechuun

1. Yeroo fayyinaa
2. Yeroo firdii jechuudha.

Haalli yeroo itti taa’e, lamaanuu kan ammaa fi kan fuulduraadha (cf. w. 29; 6:39,44,54). Kan namni tokko amma Yesuus wajjin raawwatu wanta fulduratti isarratti/isheerratti ta’uu ni murteessa. Fayyinni fi firriin lamanau dhugaa yeroo ammaa fi itti fayyadama egereeti (cf. w.28).

MATA DUREE ADDAA: YERICHA

Jechi “yeroo/si’a” jedhu wangeelota keessatti karaa adda adda danuudhaan hojii irra oolee jira, akka

1. Yeroo eeruutti (cf. Mat. 8;13; Luq. 7:21; Yoh. 11:9)
2. Bakka bu’aa yeroo qorannoo fi yaaliitiif (cf. Mat. 10:19; Mar. 13:11; Luq. 12:12)
3. Yesuusiif bakka bu’aa jalqabbii ergama (cf. Yoha. 2:4; 4:23)
4. Bakka bu’aa guyyaa firdiitti (i.e. lammata dhufuu cf. Mat. 24:36, 44; 25:13; Mar. 13:32, Yoh. 5:25, 28)
5. Jaalal gadi fagoo Yesuusiif bakka bu’uti (cf. Mat. 26:4; Mar. 14:35, 41; Yoh. 7:30; 8:20; 12:23,27; 13:1; 16:32; 17:1)

▣ **“du’an sagalee Ilma Waaqayyoo itit dhaga’an”** Waraabbiin 25 waa’ee warra hafuuraan du’anii ni dubbata, w.29 waa’ee du’aa ka’uu warra fooniin du’anii hunda ni dubbata. Macaafni Qulqulluun waa’ee du’a akaakuuwwan sadii ni dubbata.

1. du’a hafuura (cf. Uumama 3)
2. du’a foonii (cf. Uumama 5)
3. du’a bara baraa (cf. Efe. 2:2; Mul. 2:11; 20:6,14) ykn galaana du’aa, si’ol (Gehenna).

Inni kun itti fayyadama darbee darbee gaalee “Ilma Waaqayyoo”ti. Mata duree Addaa 1Yoh. 3:8 irratti Ilaali. Sababni inni gaaleen kun faayidaarra hin oolleef inni tokko sababa ilaalcha warra amantaa Giriikii Waaqolii tilfamoo (ME. Olympus) dubartoota namaa akka haadhotii manaatti ykn haadhotii manaa bittootaa fudhataniiif ture. Haalli Yesuus akka Ilma Waaqayyoo dhaloota saalqunnamtiin argame ykn tartiiba yeroo hin calaqqisiisu, garuu immoo walitti dhufeenya cimaa isaa ni argisiisa. Inni bakka buusa warra Yihudootaa isa baratameedha. Yesuus dura buutota warra Yihudootaa kanniiniif karaa itti fayyadama gita Kakuu Moofaatiin sirrumatti ifumaan ifatti fi addeessuudhaan Waaqummaa Isaa addeessaa ture (cf. 5:21,26).

5:26 “Abbaan ofuma Isaatii burqaa jireenyaa akka ta’e” Inni kun bu’uurumaanuu hiikkaa jecha YHWH Ba’u 3:14 irraati. Haalli maqaa KakuuWaaqayyoo kun GOCHIMA Ibraayisxii “ta’uu” irraa dhufe. San jechuunis jiraataa bara baraa, isa tokkicha jiraatu jechuudha. Mata Duree Addaa Maqaa Waaqummaa 6:20 irratti ilaali.

Kakuu Moofaakeessatti YHW qofaatu “jireenya” qaba ture (cf. 1Xim. 1:17; 6:16) akkasumas Isuma qofaatu ture kanneen birootiif jireenya kennuu kan danda’e (i.e, Iyo. 10:12; 33:4; Far. 36:9). Yesuus YHWH humna adda ta’e kena akka Isaaf kenne ni ibsa!

▣ **“akkuma kanatti Ilmi Isaas immoo burqaa jireenyaa akka ta’uuf Isaaf kenneera”** Inni kun mirkanaa’uu Waaqummaa Yesuus isa cimaadha (cf. 1:4; 1Yoh. 5:11).

5:27 sababni Yesuus sirrumaatti (exousia, aangoo qaba, cf. 10:18; 17:20; 19:11) faraduuf danda’uuf sababa Inni guutummaat Waaqayyoo ta’ee fi dabalataanis garuu guutummaatti nama. Gaalee “Ilma Namaa” keessatti DEFINITIVE ARTICLE wayiituu hin jiru (cf. His. 2:1 fi Far. 8:4). Inni guutummana guuttuutti nu ni beeka (cf. Ibr. 4:15); Inni guuttutti Waaqayyoo ni beeka (cf. 1:18; 5:30).

Dubbisa iddoo Yesuus ofii Isaa “ilma” (cf. w.19 [si’a lama], 20,21,22,23 [si’a lama] 25,26) jedhee waamu keessatti, isa w.27 keessatti aangoon “ilma namaa” (garuu immoo DEFINITIVE ARTICLE yeroo hunda baratame malee) faayidaarra ooluun isaa waan nama dinqisiisuudha. Haa ta’u malee, meeshaan ittiin dhaamsaniif bisan wal fakkaatu (1) 3:1,14 fi 3:16,17,18,36,36 gidduu (2) 6:27,53 fi ^;40 gidduu, fi (3) 8:28 fi 8:35,36 gidduu ni jira. Yesuus aangoowwan lamaanuu karaa wal jijjiiruu danda’uun itti fayyadame.

5:28 “Waa’ee kanaa hin dinqifatinaa” Inni kun PRESENT ACTIVE IMPERATIVE isa NEGATIVE PARTICIPLE wajjin yeruma hundaa gochaa isa asiin dura adeemsa irra ture dhaabuu jechuu ta’edha. Akkuma jechoonni yesuus asiin duraa dura buutota Yihudootaa kanniin naasisanii turan, Ibsi Isaa itti aanuus dabalataan guutummana guuttuutti isaan ni naasisa.

▣ **“warri du’anii awwaalaman sagalee Isaa yeroon itti dhaga’an ni dhufa”** Inni kun iyya Masihichaa yeroo lammata dhufuu kan calaqqisiisu fakkaata (cf. 1Tas. 4:16) Alaazaar fakkeenya ta’uumsa kanaati (cf. 11:43). Inni kun dhugaa 2Qor. 5:6,8 ganuu hin danda’u. Inni firdii fi aangoo Ilmaa hundaa cimsee ni dubbata.

Dubbisni kun irra jireenyi isaa dhugaa jireenyaa hafuuraasi fi ammaa (eschatology dhugooeme) wajjin walitti ni firooma. Garuu immoo gaaleen kun dabalatanis yeroo dhuma egaree ta’uumsa eschatology dhugaa ta’uu isaa ni dubbata. Haalli Mootummaa Waaqayyoo asiin duraa fi siichii gidduu jiru barsiisota Yesuus wangeelota walfakkaaan keessaa, garuu immoo addatti Wangeela Yohaannis keessatti ni qajeelcha.

5:29 Macaafni Qulqulluun waa’ee du’aa ka’uu kanneen hamootaa fi tolootaa ni dubbata 9cf. Dan. 12:2; Mat. 25:46, HoE 24:15). Dubbisoonni irra jireenyi du’aa ka’uu tolootaa qofaa ni addeessu (cf. Iyo. 19:23-29; Isa. 26:19, 2Yoh. 6:39-40,44,54; 11:24-25, 1Qor. 15:50-58).

Inni kun firdii hojiiratti hundaa’e otuu hin ta’in, caalaatti firdii haala jireenya amantootaa irratti hundaa’e ni eera (cf. Mat. 25:31-46; Gal. 5:16-21). Dubbii Waaqayyoo fi biyya lafaa keessa akeekni walii gala ni jira, dhalli namaa is afacaase ni haama (cf. Fak. 11:24-26, Gal. 6:6). Ykn luqqisa Kakuu Moofaakeessatti galchuudhaaf”

Waaqayyo akka hojii isaaniitti namootaaf ni kenna” (cf. Far. 62:12; 28:4; Iyo. 34:15; Fak. 24:12; Mat. 16:27; Rom. 2:6-8; 1Qor. 3:8; 2Qor. 5:10; Efe. 6:8 fi Qol. 3:25).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 5:30

³⁰Yesuus itti dabalee “Ani humna kootiin homaa gochuu hin danda’u, Abbaa koo irraa akka dhaga’etti nan farad; firdiin Ani faradus qajeelaadha. Anoo yaada koo duukaa bu’uu hin barbaadu, yaada isa Ana ergee duukaa bu’a malee.

5:30 Yesuus logos Waaqayyoo inni foon uffate bakka bu’ummaa Abbaatiif mata duree ture xiyyeeffannaa bakka bu’ummaa irraa cimaan kun dabalataanis w. 19 keessattis ni mul’ata, (“Ilmi homaa gochuu hin danda’u”). Inni kun gad aantummaa Yesuusii ibsuufi miti, garuu immoo isa gochaawwan fayyina, a qulqulleessuu sadan Waaqa tokko dhagnoota sadi’i Abbaa, Ilmaa fi Haafuura qulqulluu, gidduu jiru ibsamaniidha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 5:31-47

³¹Oofi kootiif dhugaa nana ba’a yoon ta’e, dhugaa ba’uun koo hin fudhatamu. ³²Garuu Anaaf kan dhugaa ba’u kan biraa tokko jira, dhugaan Inni Anaaf ba’us amanamaa akka ta’e ani beeka. ³³Innis Yohaannis cuuphaattinamoota ergitan. Inni dubbii amanamaa sanaaf dhugaa ba’eera. ³⁴Isin akka fayyitaniifan kana jedhe malee,, Anoo dhugaa ba’uu namaa hin fudhadhu. ³⁵Yohaannis akka ibsaa boba’eetti kan ibsu ture; isin garuuhama yerootti ifa isaatti gammaduu barbaaddan. ³⁶Isa Yohaannis cuuphaan dhugaa ba’e irra caalaa kan dhugaa Anaaf ba’u qaba; hojiin Abbaankoo akkan raawwadhuuf dabarsee Anatti kenne baay’eedha; hojiin Ani hojjedhu kunis Abbaan akka Ana erge dhugaa Anaaf ni ba’a. ³⁷Inni Ana erge Abbaanis immoo ofii isaatii Anaaf dhugaa ba’eera; isin utuu Inni dubbatuu sagalee Isaa takkaa hin dhageenye, bifa Isaas argitanii hin beektan. ³⁸Isin isa Abbaan ergetti hin amanta; kanaaf dubbiin Isaa garaa keessan keessa hin turu. ³⁹Caaffata qullaa’oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii wana yaaddaniif, caafatoota ni qortu, caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa ni ba’u, ⁴⁰Haa ta’u iyyuu malee, jireenya akka qabaattaniif gara koo dhufuu hin barbaaddan. ⁴¹“Ani nama biraa ulfina hin fudhadhu. ⁴²Akka isin Waaqayyoon hinjaallanne Anoo hubadheera. ⁴³Ani maqaa Abbaa kootiin nan dhufe, isin garuu Ana hin simanne; kana biraa maqaa ofii isaatiitiin yoo dhufe isa immoo ni simattu. ⁴⁴Isin walii walii keessan irraa ulfina fudhattu malee, ulfina Isa Waaqayyo tokkicha biraa dhufu hin barbaaddan, egaa, attamitti, amanuu dandeessu ree? ⁴⁵Ani fuula Abaa koo duratti kanan isin hadheessu, isinitti hin fakkaatin, kan isin hadheessu jira, Innis Muusee isa isin abdattaniidha. ⁴⁶Utuu isa Muuseen caafetti amantan ta’ee, Anattis immoo ni amantu turtan; Museen waa’ee koo caafeera. ⁴⁷Isa Museen caafee isiniif kenne erga hin amanta ta’ee, attamitti isa Ani afaan kootii isinitti dubbadhu amantu re? jedhe.

5:31 Kakuu Moofaakeessatti wana tokko mirkaneessuuf dhuga ba’uumsa lamatu barbaachisa ture (cf. Lak. 35:30; Kes. 19:15). Dubbisa kana keessatti Yesuus dhuga ba’uumsota shan ofii Isaatii kenne.

1. Abbaa (ww.32,37)
2. Yohaannis cuuphaa (w.33, cf. 1:9-5)
3. Hojii dhuunfaa Isaa Yesuus (cf. w.36)
4. Caaffatoota (cf. w.39)
5. Musee (cf. w.46) isa Kes. 18:15-22 calaqqisiise

Mata duree Addaa 1:8 keessatti ilaali.

▣ **“yoo ta’e”** Inni kkun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa waa’ee gocha humna qabeessa dubbatuudha.

▣ **“dhugaa ba’uun koo hin fudhatamu”** Inni kun 8:14 wajjin kan walitti bu’u ni fakkaata. Dubbisichi ibsoonni kunniin yoomessoota adda addaa keessatti akka uumaman ni argisiisu. Asirratti yesuus dhuga ba’uumsi danuun kan biroo akka turan ni argisiisa, garuu 8:14 keessatti kan Isaa qofni barbaachisaa akka ta’e Inni cimsee ni dubbata!

“Dhugaa” dhaaf mata duree addaa : Dhugaa Yohaannis keessaa 6:55 irraa ilaali.

5:32 “garuu Anaaf kan dhugaa ba’u kan biraa tokko jira” Inni kun Waaqayyo Abaa ni eera (cf. 1Yoh. 5:9) sababni isaas jecha allos isa gosa tokko ta’ee gosa tokkotti “hiikamu” isa wal bira qabamuu heteros isa “tokko ta’ee gosa biraatti” hiikamu jechuu ta’edha, ta’ullee ga’uumsi kun koine Griik keessatti dadhabaa ture. Mata Duree Addaa: Yesuusiif Dhugaa ba’uu 1:8 irratti ilaali.

5:33 “Yohaannis cuuphaattinamoota ergitan” Inni kun Yohaannis cuuphaa ni eera (cf. 1:19).

5:34 “Isin akka fayyitaniifan kana jedhe malee” Inni kun AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE dha. PASSIVE VOICE n bakka bu’aa Waaqayyoo ykn Hafuura ni eera (cf. 6:44,65). Wangeellonni seenaa duddubaa otuu hin ta’in labsiiwwan wangeelummaa (i.e. tiraaktoota) ta’uu isaanii yaadadhaa. Isa galmaa’ee ture hundumaa keessattuu kaayyoon wangeelummaa ni jira (cf. 20:30-31).

5:35 “Inni kan ibsu ture” Inni kun xiyyeeffannaa addaa ibsaarratti kennameedha, asirratti ergaa qophaa’umsaa Yohaannis (cf. 1:6-8).

5:36 “hojiin Ani hojjedhu kunis Abbaan akka Ana erge dhugaa Anaaf ni ba’a” Gochaawwan Yesuus fiixaan ba’uu raajiiwwan waa’ee Mashichaa Kakuu Moofaakeessatti raagaman turani. Yiudoonni bara Isaa milikkitoota dinqisiisoo kanneen akka jaamaa banuu, hiyyeeyyii nyaachisuu, naafa fayyisuu, (cf. Isa. 29:18; 32:3-4; 35:5-6; 42:7) qalbeeffachuu qabu tureyyu. Humni barsiisota Yesuus, haalli jireenya qajeelummaa garalaafummaa, fi dinqiiwwan hundaa olii (cf. 2:23; 10:25, 38:14:11; 15:24) isa Inni tureef, iddoo Inni irraa dhufeef, fi Eenyu akka Isa ergeef dhuga ba’uumsa ifa ta’e ni dhale.

5:37 “Inni Ana erge Abbaanis immoo ofii isaatii Anaaf dhugaa ba’era” Jechi “Inni” jedhu Abbaa ni eera. Dubbisa keessatti gaaleen kun caafata Kakuu Moofaa(cf. Ibr. 1:1-3) kan eeru fakkaata. Inni kun ragaawwan Masihummaa Kakuu Moofaakeessaa hundumaa (cf. w.39) kan of keessatti hammatu ta’e.

▣ **“isin utuu Inni dubbatuu sagalee Isaa takkaa hin dhageenye”** Yesuus hammamiyyuu karaa caaffattootaanii fi muuxannoo namaa karaa sagadaatiin waa’ee Waaqayyoo beekuun isaaniif ta’uu qabaatullee, isaan dhugumaan Isa gonkumaa akka hin beekne cimsee dubbachaa jira (cf. 8:43; Isa. 1:1-15; 6:9-10; 29:13; Er. 5:21).

Kakuu Moofaakeessatti, Waaqa arguun akka du’a fiduutti yaaddamaa ture. Namni tokkichi YHWH ifaan ifa fuulleetti dubbate Muusee qofaa ture sirumaayyuu waliti ba’uun sun golgaa Dumessaa keessaan ture. Namoonni danuun Ba’u 33:23 akka Yoh. 1:18tiin wal faalleessuutti yaadaniiru. Haa ta’u iyyuu malee, jechi Ibrootaa Ba’uu keessaa hiikni isaa “ulfinaan booda”

5:38 “kanaaf dubbiin Isaa garaa keessan keessa hin turu” Kunniin bakka buusota ciccimoo barreeffamoota Yohaannisidha. Dubbiin Waaqayyoo (logos) simatamuu qaba takkaa simatamna (cf. 1:27) garaa manaa keessa turuu qaba (obsuu, cf. Yoh. 8:31, 15:4,5,6,7,10; 1Yoh. 2:6,10,14,17,24,27,28; 3:6,14,15,24). Yesuus mul’ata Waaqayyoo isa guutuudha (cf. Yoh. 1:1-18; Fil. 2:6-11; Qol. 1:15-17; Ibr. 1:1-3). Fayyinni walitti dhufeenya itti fufeenya qabuu (miira Ibroota “beekuu” cf. Uma. 4:1, Er. 1:5) fi mirkaneeffannaa dhugaawwan wangeelaatiin mirkanaa’uudha (miira Giriikii “beekuu” cf. 2Yoh. 9).

Jechi “obsuu” kun miira walitti dhufeenya cimaa, walitti dhufeenya dhuunfaa turtii qabu, keessatti faayidaa irra oole. Obsuu haala fayyina dhugaati (cf. Boqonnaa 15). Inni miirota danuudhaan Wangeela Yohaannis keessatti faayidaarra oole.

1. Ilma abbaatti keessa (cf. 10:38; 14:10,11,20; 17:2)
2. Abbaa Ilmatti (cf. 10:38; 14:10,11,21; 17:21, 23)
3. Amantoota Yesuusitti (cf. 10:56; 14:20,21; 15:5; 17:21)
4. Amantoonni Ilmatti fi Abbaatti (cf. 14:23)
5. Amantoonni sagalichati (cf. 5:38; 8:31; 15:7; 1Yoh. 2:14).

Mata duree Addaa 1Yoh. 2:10 keessatti ilaali.

5:39 “caaffatoota ni qortu” Inni kun PRESENT ACTIVE INDICATIVE ykn PRERSENT ACTIVE IMPERATIVE ta’uu ni danda’a. hamma inni tartiisa dhuga ba’uumsa isa warri Yihudootaa fudhachuu didan keessatti argametti inni INDICATIVE ta’uu danda’a.

Asirratti wanti nama gaddiisiisu dura buutota warra Yihudootaa; isaan caaffatoota, dubbisaniiru, qo’taniiru, yaadannoo godhataniiru, garuu immoo nama isaan argisiisan hin hubanne ture! Hafuura malee, caffattooni kan muudaa hin qabnee ta’uu baatanillee! Jireenyi dhugaan gama abboomamuu walitti dhufeenya amantii dhuunfaatin dhufa (i.e Kes. 4:1; 8:13; 30;15-20; 32:46-47).

▣ **“sunis immoo anaaf dhugaa ni ba’u”** Inni kun caaffatoota Kakuu Moofaakanneen Yesuus fiixaan baasu ni eera (i.e. 1:45; 2:22; 5:46; 12:16,41; 19:28; 20:9). Lallaboonni irra jireenyi Phexiroos (cf. HoE. 3:18; fi Phaawuloos (cf. HoE 13:27; 17:2-3; 26; 22:23,27). HoE keessatti akka ragaa walitti dhufeenya Yesuus Masihummaa raajii galmaan ga’aman ni fayyadamu. Dubbisoonni hundinuu tokko irraa kan hafe (1Phex. 3:15-16) inni aangoo caaffata mirkaneessu Kakuu Haaraakeessatti ni argama (cf. 1Qor. 2:9-13; 1Tas. 2:13; 2Xim. 3:16; 1Phex. 1:23-25; 2Phex. 1:20-21) Kakuu Haaraani eeru. Yesuus ofii Isaa ifumatti akka galmaan ga’uutti fi akka fiixaan ba’uutti (akkasumas hiikaa isa sirrii, cf. Mat. 5:17-48) of ilaaleera.

MATA DUREE ADDAA: KERYGMA WALDAA KIRISTIYAANAA LAFAA

- A. Abdiiwwan/kakuuwwan Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyoon taasifaman amma kunoo Yesuus Masihii dhufaa jiruun raawwaamaa jiru (HoE 2:30; 3:19,24; 10:43; 26:6-7,22; Rom. 1:2-4; 1Xim. 3:16; Ibr. 1:1-2; 1Phex. 1:10-12; 2Phex. 1:18-19)
- B. Yesuus akka Masihitti yeroo cuuphamuu Isaatti Waaqayyoon muudame ture (HoE 10:38)
- C. Yesuus ergama Isaa cuuphamuu Isaatiin booddee Galiilaatti jalqabe (HoE 10:37).
- D. Ergamni Isaa kan amaleeffama tola hojjechuu fi hojiilee waan hunda aol ta’an humna Waaqayyootiin ture (Mar. 10:45; HoE 2:22; 10:38).
- E. Masihichi akka kaayyoo Waaqayyoo bara baraatti ture kan fannifame (Mar. 10:45; Yoh. 3:16; HoE. 2:23; 3:15-15,18, 4:11; 10:39; 26:23; Rom. 8:34; 1Qor. 1:17-18; 15:3; Gal. 1:4; Ibr. 1:3, 1Phex. 1:2,19, 3:18, 1Yoh. 4:10).
- F. Inni du’aa ka’ee ergamoota Isaatti ni mul’ate (HoE 2:24, 31-32, 3:15,26; 10:40-41; 17:31; 26:24; Rom 8:34; 10:9; 1Qor. 15:4-7, 12ff; 1Tas. 1:10; 1Xim. 3:16; 1Phex. 1:2; 3:18,21).
- G. Yesuus Waaqayyoon ulfina argatee maqaan “Goofaa” jedhamu kennameefi (HoE. 2:25-29, 33-36; 3:13; 10:36; Rom. 8:34; 10:9; 1Xim. 3:16; Ibr. 1:3; 1Phex. 3:22).
- H. Saba Waaqayyoo haaraa qajeelchuuf Inni Hafuura Quqlulluu ni kenne (HoE 1:8; 2:14-18, 38-39; 10:44-47; 1Phex. 1:12).
- I. Inni lammata firdii fi wantoota hundumaa deebisee suphuudhaaf ni dhufa (HoE 3:20-21; 10:42; 17:3; 1Qor. 15:20-28; 1Tas. 1:10).
- J. Ergicha kan dhagahu hundumtuu qalbii diddiirratee cuuphamuutu isaaf ta’e (HoE 2:21,38; 3:19; 10:43,47-4; 17:30; 26:20; Rom. 1:17; 10:9; 1Phex. 3:21).

Tarreeffamni yaadaa kun akka labsii barbaachisaa waldaa laarraatiif gama barreesstoota Kakuu Haaraa adda addaatiin tarii akka qooda isaanii akka gumaachanii fi lallaba isaaniitiin odeeffannoowwan birootiif akka xiyyeeffannaa akka kennauu malaniif ni tajaajila. Guutummaan Wangeela Maarqoos dhiheenyummati kallattii kerygma petrine ni hordofa. Wangeelli Maarqoos karaa aadaatiin akka Lallaboota Pheexiroosi Roomaa keessatti lallabame, gara Wangeela barreeffameetti, qajeelfama kennuutti ilaallama, Lamaanuu Wangeela Maatewoos fi Wangeela Luqaas qajeelfama bu’uraa Maarqoos ni hordofu.

5:41-44 Waraabiileen kunniin dhugaa isa dura buutooni amantii warri Yihudootaa harka rukutaa fakkaattota isanaitirraa isana ga’uun kan gammadan ta’uu isaanii kan calaqqisiisu wayiit fakkaata. Isaan rabbiwwan yeroo darbe keesaa eeruudhaan ulfina kennaniiru, garuu immoo sababa karaa hafuuraatiin jaamaniif isaan baruumsota hundumaa isa caalu ni dhiisani, Isa isaan gidduu jiru. Inni kun balaaleffannaa ciccimoo barsiisota amantii Yihudaa jaarraa tokkoffaa Yesuus keessaa isa tokkodha (dabalataanis fakkeenya Mat. 21:33-46; Mar. 12:1-12; Luq. 20:9-19 yaadannoo qabadhaa)

5:41

NASB, NRSV

“Ani nama biraa ulfina hin fudhadhu”

NKJV

“Ani nama biraa ulfina hin fudhadhu”

TEV

“Ani nama biraa ulfina hin fudhadhu”

NJB

“Ulfinni namni naaf kennu anaaf homaayyuu miti”

Jecha “glory (ulfina)” jedhuuf hiika tokko kennuun nama rakkisa (Mata Duree Addaa 1:14 irratti ilaalaa). Inni jecha Ibraayisxii “ulfina”, kabodh, isa karaa mul’achuu jaalalaanii fi haala dinqiidhaan argamuu Waaqayyo ibsuuf (cf. Ba’u. 16:10; 24:17; 40:34; HoE. 7:2) fi hojiilee fi amala Isaatiif Waaqayyoof ulfina kennuu fi galata dhiheessuf gargaaree kan ture. Waraabbii gaariin inni haaladabalataa 2Phe. 1:17dha.

Kallattii dinqiin sirriitti argamuu fi amalli Waaqayyoo

1. Ergamoota (cf. Luq. 2:9; 2Phe. 2:10)

2. Hundumaa ol ta’uu Yesuus (cf. Yoh. 1:14; 8:54; 12:54; 12:28; 13:31; 17:1-5,22,24; 1Qor. 2:8; Fil. 3:17)

3. Amantootaaf waan biraatirraa kan fudhatame (cf. Rom. 3:4; 1Tas. 2:12; 2Tas. 2:10; Ibr. 2:10; 1Phe. 5:1,4) wajjin walitti ni dhufa.

Yohaannis fannifamuu Yesuus akka Inni ulfina kan argate ta’etti eeruun isaa waan namatti tokuudha (cf. 7:39; 12:16,23; 13:31). Haa ta’u malee iyyuu malee, ibsa daalataanis akka “kabaja” ykn “galata dhiheessuutti” hiikamuu ni danda’a (cf. Luq. 4:15; Fil. 1:11; 2:11; Mul. 11:13; 14:7; 16:9; 19:7). Inni kun akkamittiin inni akka dubbisa kana keessatti faayidaarra ooleedha.

5:43 “isin garuu Ana hin simanne” Guutummaa Wangeela Yohaannis keessatti xiyyeeffannaan Yesuusitti amanuun ajaja sagadaa ti’oolojii miti garuu immoo Isaa wajjin fuulleetti walitti dhufuudha malee (i.e. ww.39-40) amantiin kan jalqabu mare Isa abdachuutiini. Inni kun gara walitti dhufeenya dhuunfaa fi duuka buutummaatti isa bilchina barsiisummaa fi jireenya fakkeenyummaa kiristiyaanummaatiin xumuruutti guddachuu ni jalqabe.

▣ **“kana biraa maqaa ofii isaatiitiin yoo dhufe”** Inni kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE dha.

▣ **“isa immoo ni simattu”** Inni kun tapha tooftaa qo’annoo rabbi barsiisota manneen barumsaa rabbummaa adda addummaa Taalmud irraa wal bira qabuu irratti taphatameedha.

Michoel Magill, New Testament, Transline, luqqisa gaarii tokko ni qaba.

“Dura buutonni warri Yihudii barsiisaa nama ta’e ykn rabbi isa Waaqayyorraa hin ergamne ni simatu. Barsiisota nama ta’an wajjin, isaan fakkaattiiwwan isaanii wajjin walitti dhufeenya fuggisa ta’een haala qixa ta’een kan ulfina wal jijjiiranidha. Raajii Waaqayyo irraa ergame wajjin isaan aangoo gadi aanaa irratti mul’atanii, dhaga’anii abboomamuu qabu. Inni kun yeruma hunda hundeetti sababa fudhatama dhabuu raajota Waaqayyoo ta’ee tureera (f. 318).

5:44 Yaadannoo 17:3 irraa ilaalaa.

5:45-47 Yesuus barreeffamoonni Muusee akka Isa ibsan cimsee dubbachaa jiru. Inni kun Kes. 18:15-22f ragaa ta’uu ni danda’a. w.45 keessatti caaffanni akka dhala namaatti kan komii dhiheessuudha. Inni sun qajeelfama ta’uuf ture (cf. Luq. 16:310. Qajeelfamichi hin fudhatamin hafee, diina tokko ni ta’e (cf. Gal. 3:8-14,23-29).

5:46,47 **“utuu...ta’ee”** Waraabbii 46 SECOND CLASS CONDITIONAL SENTENCE dhugaadhaa faallaa kan ta’edha, innis isa dura buutonni Yihudootaa dhugmatit sirumaayyuu barreeffamoota Muusee fi isa yesuus (the eschalological Moses [i.e. Raajii Kes. 18:15-19]) guyyaa dhumaatit itti abbaa firdii isaanii akka ta’u akka hin amanee cimsee ni dubbata. “Ta’een” w.47 FIRST **“utuu...ta’ee”** isa dhugaa akka ta’etti amaname tokko ni beeksisa ture. (NIV “hamma” kan jedhu of biraa ni qaba).

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Maaliifi w.4 hiikkaawwan haaraa keenya keessatti kan dhokate?
2. Maaliif ture Yesuus nama adda ta'e kana kan fayyiseef?
3. Amantiin gama nama kanaatiin fayyisuu irratti makamee turee? Fayyuun foonii fayyuu hafuura ni eeraa?
4. Dhukkubsachuun isaa cubbamaa ta'uu isaa wajjin walitti ni dhufa turee? Dhukkubsachuu hundinuu cubbuu ohojjatamuun walitti ni dhufaa?
5. Maaliif turee Yihudoonni Yesuus ajjeesuuf kan barbaadaniif?
6. Gochaawwan Waaqayyoo Kakuu Moofaakeessaa kanneen Yesuusiin hojiirra oolan tarreessi.
7. Jireenyi bara baraa dhugaa yeroo ammaati moo abdiif fuulduraati?
8. Firdiin dhuma/booddee hojiiratti moo'amantiiratti kan hundaa'e? Maaliif?

YOHANNIS 6

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Kuma shan nyaachisuu 6:1-14	Kuma shan nyaachisuu 6:1-15		Yesuus kuma shan ni nyaachisa 6:1-6 6:7 6:8-9 6:10-13 6:14-15	Dinqiiwwan daabboowwanii 6:1-4 6:5-15
Yesuus Galaana irra ni deema 6:15-21	Yesuus Galaana irra ni deema 6:16-21		Yesuus Galaana irra ni deema 6:16-21	Yesuus bishaan irra adeemaa Gara Ergamoota Isaa ni dhufa 6:16-21
Buddeena Waaqarraa 6:22-40	Yesuus Bueeddan Jireenyaa 6:22-40 6:25-40		Namoonni Yesuus ni barbaadu 6:22-24	Qifrnaahomitti Haasaa mana sagadaa keessaa 6:22-27 6:28-40
Ofii Isaatiin fudhatama dhabe 6:41-59	6:41-51		Yesuus buddena Jireenyaa 6:25	6:41-51 6:52-58 6:59-63
Duka buutonni Danuun ni gufatani 6:60-71	6:52-59 6:60-65 6:66-71		6:26-27 6:28 6:29 6:30-31 6:32-33 6:34 6:35-40 6:41-42 6:52 6:53-58 6:59 Sagalee jireenya Bara baraa 6:60 6:61-65	6:64-66 Ogummaan amantii Phexiroos

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

YOHAANNIS 6:1-17 GAMAAGGAMA DUBBISAA

A. Wangeelli Yohaannis Irbaata Gooftaa ofii isaa hin galmeessu, ta’ullee boqonnaawwan 13:17 haasaa fi kadhata kutaa Gubbaa ni galmeessu. Keessaa hanbisuun kun waan itti yaadamee godhameedha. Waldaan jaarraa lammaffaa miira qulqullummaatii ajaja mul’isuu jalqabde. Isaan akka bo’oowwan ayyaanaatti isaan ni ilaalani. Yohaannis tari cuuphaa Yesuus ykn Irbaata Gooftaa galmeessuu dhiisuudhaan ilaalcha qulqullummaatiif deebii kennuu maleera ta’a.

B. Wangeela Yohaannis 6 dubbisa qabiyyee namoota kuma shan nyaachisuu of keessaa ni qaba. Haa ta’u malee, namoonni danuun ilaalcha qulqullummaa Irbaata Qulqulluu barsiisiif itti dhimma ni ba’u, Inni kun burqaa baruumsa waldaa kaatolikii Roomaa amantii daabboof wayiniin bakka Irbaata Gooftaatti dhihaatan fooniif dhiiga Gooftaa akka ta’anitti amanuuti (ww. 53-56).

Gaaffiiwwan Boqonnaan 6 akkasittiin Irbaata Quqlulluu wajjin walitti dhufa jedhu amalli Wangeelaa lama ta’uu isaa ni argisiisa. Ifumaan ifatti, Wangeelonni sagalee fi jireenya Yesuus wajjin walitti dhufeenya kan qabaniidha, ta’ullee kan barreeffaman waggoottan kurnoota booddee waan tureefis sabummaa amantii barreestootaa tokkoon tokkoo isanaii ibsaniiru. Kanaafuu kallattiiwwan barreessummaa sadarkaalee sadiitu jira.

1. Hafuura Quqlulluu
2. Yesuusii fi dhaggeeffattoota jalqabaa
3. Barreestoota Wangeelaa fi dubbiftoota isaanii

Namoonni tokko attamittiin hiikaa? Karaa tokkichi ittiin ibsamuu qabu tooftaa qabiyyee dubbisichaa keessaan, caasluugaan, walitti dhiheenya jechaa, yoomessa seenaa tokkootiin odeeffannoon kan kennamee fi wal jala kan darbe kan hin taane ta’uutu isaaf ta’a.

C. Dubbistoonni/hordoftoonni Warra Yihudiitii fi abdiin barsiisummaa Masihichaa (cf. ww. 30-31), keessattuu muuxannoo Seera Bar’u akka “manna” ilaalchisee Muusee kan caalu ta’uu yaadachuu qabna. Rabbiwwan akka dubbisa ragaatitti Far. 72:16 fayyadamuu qabuyyuu. Ibsoonni Yesuus hin baratamne (cf. ww. 60-62,66) abdi Masihummaa sobaa maccaa wajjin kan wal bira qabamuuf hiika kennamuufidha (cf. ww. 14-15).

- D. Jaarsoliin waldaa durii dubbifni kun Irbaata gooftaa eeruu isaa irratti walii hin galani. Clement of Alexandria, Origene, fi Eusebius marii dubbisa kana irratti godhanirratti gonkumaa Irbaata Gooftaa hin kaasani.
- E. Bakka buusni duubbisa kanaa jechoota Yohaannis 4 keessati “dubartii boolla bishaanii biraa” Yesuus sirrumatti tokkuma. Bishaanii fi buddeena lafarraa akka bakka buusota jireenya bara baraa fi dhugaawwan hafuuraatti waa’ee baasan.
- F. Bara lachuun daabboo kun dinqii isa tokkicha wangeelota hundumaa afranuu keessatti galmaa’eedha (Mat. 14:13-21; Mar. 6:32-44; Luq. 9:10-17).
- G. Michael Magill, New Testamend Transline (f. 325) gartuuwwan adda addaa Qifnaa’om keessaa fi walitti dhufeenya jechoota nama rifachiisan Yesuus wajjin wal qabatee ilaalcha gadi fagoo baa’ee namatti tolu tokko ni taasisa.
1. Namoota danuu (macca) w.24
 2. Yihudoota, ww,41,52
 3. Duuka buutota,ww.60,66
 4. Kudha lamaan, w.67
- Yesuus muudaa tokko malee
1. Sababa Inni isaan nyaachiseef mootii akka Isa hin goone akka hin yaalleef macca sana ni ittise
 2. Dura buutota warra Yihudii gaaffilee Isaa dhuunfaa adda ta’aniin ni dandamate.
 3. Hordoftoonni qarqara qarqara deeman danuun akka dhiisaniif sababa ni uume.
 4. Ibsa amantii itti fufuu fi cimsachuu dhagna kudha lamaan irratti ni dabarse (6:68-69).

QO’ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 6:1-14

¹Kana booddee Yesuus bishaan ciisaa Galiilaa, isa bishaan Xibeeriyaas jedhamu ce’e. ²Namoonni danuun, warra dhukkubsatan fayyisuu isaatiin milikkita Inni godhe waan arganiif, Isa duukaa bu’an. ³Yesuus gaafas bartooa Isaa wajjin gara dirree gaara tokkotti ol ba’e taa’e. ⁴Yeroo sana Faasikaan ayyaanni warra Yihudootaa dhihaatee ture. ⁵Yesuus achi taa’ee asii fi achi ilaalee, namoonni danuun gaa Isaa akka dhufan arge; kana irratti, “Buddeena jarri kun nyaatan eessaa binna?” jedhee Filiphosin gaafate. ⁶Kana immoo waan Filiphos jedhu ilalauuf itti dubbate, Yesuus ofii Isaatii waan gochuuf jedhee beeka ta’ure’o. ⁷Kana irratti Filiphos deebisee, “Buddeenni meetiid hibba lama, iyyuu tokkoon tokkoon isaanii xinnoo xinnoo illee wan hin ga’u” jedheen. ⁸Indiriyaas obboleessi Simoon Phexiroos, bartoota Isaa keesa tokko kan ture, Yesuusitti dubate. ⁹“Gurbaan buddeena garbuu shanii fi urxummii lama qabu tokko as jira; garuu namoota baay’ee kanaaf kun maal godha? Jedhe. ¹⁰Yesuus immoo “Namoota teessisaa!” jedhee abboome. Achi margi baay’een jira ture; namoonni akka kuma shanii ta’anis marga sana irra taa’an. “Kana booddee Yesuus buddeenana sana fuudhee, Waaqayyoof galata galchee, warra taa’aniifis hire; qurxummiicha irraayis akkasumas hamma isaan barbaadan hireef. ¹²Namoonni erga nyaatanii quufanii, Yesuus “waan tokko illee akka hin badnetti, hurraa isa hafe walitti qabaa!” jedhee bartoota Isaatti hime. ¹³Hurraa buddeenana garbuu shaman jarri nyaatan irraa hafes gundoo kudha lama guutuu walitti qaban. ¹⁴Namoonni sun milikkita Yesuus argisiise kana yommuu argan “kun dhuguma raajicha, Isa gara biyya lafaa dhufuuf jiru sana” jedhan.

6:1 “Bishaan ciisaa Galiilaa, isa bishaan Xiberiyaas” Dhagni bishaanii kun maqoota kan biroo danuudhaan beekama ture. Kakuu Moofaakeessatti Kiineret (cf. Lak. 34:11) jedhamee ni waamama ture. Inni dabalataanis bishaan ciisaa Genesarex Luq. 5:1 keessatti maqaa Roomaatiin akkasumas ni beekkama ture Qoodduun afaan kan birootiin jiru yaada kan biroo barreessichaan kennameedha. Inni sun Wangeelli Yohaannis saba Filisxeemii ala jiruuf akka ture ni argisiisa (cf. 6:4; 6,64,71).

6:2 Sababa namoonni baay'een Isa hordofaniif qalbeeffadhaa.

6:3 Yesuus sagalee Isaa tilmaamuuf guddistoota sagalee uumamaa bishaaniif gaaraatti ni fayyadame. Dhugaan bartoota Isaa wajjin taasifamu ni argisiisa. Otuu gaarichi Yoomessa Masihummaa akka Maatewoos 5-7 ta'uu isaa beekke ni dinqifata.

Kutaa baruumsaa guddaa kana keessatti, Yesuus yeruma hundaa macca keessatti gartuuwwan adda addaa ni eere. Miila Isaatiin marsuun Isaa bartoota Isatti dhihaatan, isaan gararraa, keessummoota, soreessotaa fi namoota barataman “namoota nafaa; fi gartuuwwan xixqqoodhaan dura buutonni amantii (Fariisota, barreessitoota, saduqota, sirumaayyuu Essenes ta'uu danda'u).

6:4 “Faasikaan ayyaanni warra Yihudootaa” Kanaan dheerinna ergama ifaa Yesuus ittiin murteessan ayyaanota Faasikaa Wangeela Yohaannis keessatti eeramee tokkicha (jalqaba 2:13, lammata, 6:4; fi sadaffaa 11:55 fi 13:11). Otuu Yoh. 5:1 dabalataan waa'ee Faaskiaa dubbata ta'ee maarree yoo xinnaate waggaa sadi'iif walakkaa yookin wagga afuf ergama ifaa (ummataa) ni qabna. Wanti nuyi waa'ee jireenya Yesuus hin beekne danuutu jira (cf. 20:30; 21:25).

6:6 “Kana immoo waan Filiphos jedhu ilalauuf itti dubbate” Jechi Giriikii asirratti “qoruuf” (*peirazō*) walitti hidhata hammeenya wayii ni qaba (Mata Duree Addaa 1Yoh. 4:1, cf. Maat. 4:1 ilaali). Inni kun fakkeenya hiiktoonni hammayyaa jechoota Kakuu Haaraagara hiika tokkootti fiduuf yaalan argisiidha. Koine Greek qabiyyeewwan caaslugaa fi afaanii Giriikii yeroo hundaa danuu of keessaa hin qabu ture (cf. Yaadannoo 5:20 irratti ilaali).

Yesuus Filiphos qoraa ture, garuu attamitti?

1. Amantii isaa Yesuus akka wana hunda dhiheessuurratti?
2. Beekumsa isaa Kakuu Moofaa(cf. Lak. 11:13, gaaffii Muusee waa'ee nyaata dhiheessuu Waaqayyo gaafaturrattii)?
3. Eegumsaa fi dhammamuu inni maccaaf taasisu irrattii?

6:7

NASB,NKJV,JB

“buddeen nin meetii dhibba lama”

NRSV

“beenya ji'oota ja'aa”

TEV

“buddeen nin meetii dhibba lama”

Meetii tokko hojjetaa (cf. Mat. 20:2) fi loltuu tokoof beenyaa guyyaa tokkoo ture. Inni kun silaa beenyaa waggaa tokkoo keessaa yoo xinnaate 2/3 ni ta'ayyuu.

MATA DUREE ADDAA: SAANTIMOOTA BARA YESUUSITTI FILISXEEM KEESSATTI FAAYIDAARRA OOLAN

I. Saantimoota sibiila diimaa

A. *Eherma* – gatii xiqqoo qaba (cf. Yoh. 2:15)

B. *Chalchos* – gatii xiqqoo (cf. Mat. 10:9; Mar. 12:41)

C. *Eussarion* – saantima Roomaa sibiila diimaa gara harka 1/16 tenarius tokkoo baasuudha (cf. Mat. 10:29)

D. *Kodrantes* – saantima Roomaa sibiila diimaa gara harka 1/64 *dēnarius* tokkoo baasu (cf. mat. 5:26)

E. *Lepton* – saantima sibiila diimaa warra Yihudootaa gara harka 1/128 *dēnarius* baasu (cf. Mar. 12:42; Lu. 21:2).

F. *Quadrans/farthing* – saantima sibiila diimaa Roomaa gatii xiqqaa qabu

II. Saantimoota meetii

A. *arguros* (“Saantima meetii”) saantimoota sibiila diimaa ykn nahaasaa caalaa gatii kan qabu (Mat. 10:9; 26:15).

B. *dēnarius* Saantima meetii Roomaa gatii nama hojii humnaa guyyaatti hojjetuu tokko kan baasu

(cf. Mat. 18:28; Mar. 6:37)

- C. *drachmē* – saantima meetii Giriikii denarius tokko wajjin gatii walqixa qabani (cf. Luq. 15:9)
- D. *di-drachmon* – dacha drachmas sheqelii Yihudootaa tokkoof ½ isaatii kan qixxaate (cf. Mat. 17:24).
- E. *Statēr* – saantima meetii isa gara dinarii afurii baasuu (cf. Mat. 17:27)
- III. Saantimoota warqee – chrusos (“saantimoota warqee”) saantimoota gatii guddaa qaban (cf. Mat. 10:9).
- IV. Ulfina sibilootaatiif jecha waliigalaa
 - A. Minaa – Laatiiniitti mina, ulfina sibiilaa *dēnarii* 100f qixa ta’e (cf. Luq. 19:13)
 - B. Talanton – safara ulfina Giriikii tokko (cf. mat. 18:4; 25:14,16,20,24,25,28)
 - 1. Meetiin *dēnarii* 6,000 baasu
 - 2. Warqee *dēnarii* 180,000 baasu
 - C. Sheqelii – ulfina meetii Kakuu Moofaa warra Yihudootaa (cf. Uma. 23:15; 37:28; Ba’u 21:32)
 - 1. *pim* – sheqelii 2/3
 - 2. *beka* – sheqelii ½
 - 3. *gerah* – sheqelii 1/20
- Safaroota gurguddaa
 - 1. *manch* – sheqelii 50
 - 2. *kikkar* – sheqelii 3,000

6:8-9 “Achi margi baay’een jira ture” Dubbifni kun fakkii bareedaa amantii fi abdannaa xiqqoo dandeettii fi Yesuus namaa Indiriyaas argisiisuudha.

6:9 “buddeena garbuu” Inni kun akka buddeena baay’ee mi’aa hin taanee fi salphaadhumatti argamuutti fudhatame ture. Inni nyaata hiyyeessaa ture. Yesuus nyaata mi’aa ta’e dhiheessuudhaaf humna isaa hin fayydamne ture.

6:10 “namoota teessisaa” Namoonni aadaa kanaa yeruma hunda yoo lafa taa’an ykn yoo hamma xiqqoo hirkatan nyaatu ture. Minjaala “U” fakkaatu.

▣ **“namoonni akka kuma shanii ta’anis marga sana irra taa’an”** Inni kun ija ba’uumsa yaada ergamummaa (barreessummaa) ijaati.

▣ **“kana booddee Yesuus buddeenan sana fuudhee, Waaqayyoof galata galchee, warra taa’aniifis hire”** kun dhugmatti “namoota kuma shan nyaachisuu” jedhanii maqaa dhahuun dogoggora lakkoofsaati, sababiin isaas ifumatti kuma shan caalantu guyyaa sana achi ture waan ta’eefi. Kumni shan namoota naannoo tokkoo fi namoota dhiiraa gudguddoo (i.e. 13 fi sanaa ol) yoo eeru dubartootaa fi ijoollee of keessatti hin hammatu (cf. Mat. 14:21). Haa ta’u iyyuu malee, dubartoonni fi daa’imman hammamii akka achirratti hirmaachuu danda’an beekuuf wanti mirknaa’e hin jiru (cf. Mat. 14:21).

6:11 “Yesuus namoonni kun dhufanii humnaan isa qabani mootii Isa godhachuudhaaf abbalutti akka jiran hubatee, kophaa Isaa ammas gara gaaraatti jalaa sokke” Dinqii daneessuu harka Yesuus keessatti ta’uutu isaaf ta’a ture. Ilaalcha gochaan kun mallattoo eeggamaa isa akkuma Muuseen manna dhiheesse Yesuusis nyaata dhiheessee ni ta’aayyu.

Jechi Giriikii “galata galchuu” (eucharisteō) booddeerra Irbaata Gooftaa Dhmaatiif maqaa ni ta’e (cf. 1Qor. 11:23-24). Yohaannis asitti isa kana hike egerii, toftaa qabuu kana sammuu keessatti itti fayyadamee ture? Wangeelonni kan biroo kanneen Irbaata Gooftaatiif ibsa hin qabne jecha addaatti ni fayyadamu (*eulogō*, cf. Mat. 14:19; Mar. 6:41). Isaan jecha *eucharisteō* ni fayyadamu (cf. Mat. 15:36; mar. 8:6; Luq. 17:16; 18:11) garuu immoo dhaabbatumaan yoomessa. Irbaata Gooftaa dhumaa keessatti miti.

Isaan kadhata galata galchuu Yesuus kutaa olii keessaa ibsuudhaaf jecha wal fakaatu ni fayyadamu (cf. Mat. 26:27; Mar. 14:23; fi Luq. 22:17-19). Kanaaf, hamma itti fayyadamichi tokko hin taanetti, Yohaannis erga dubbiftooni booddee akka yoomessa Irbaata Gooftaati hiikanii ibsa isaa caalaatti ifa gochuu barbaadee ture!

6:12 “baduu” Mata Duree Addaa: Apollumii 10:10 irratti ilaalaa.

6:13 “hurraa buddeenan garbuu shaman jarri nyaatan irraa hafes gundoo kudha lama guutuu walitti qaban” Jechi asirratti “gundoo” jedhu kalloo guddaa tokko ni eera. Wantoota waan baay’ee barbaachisaa ture. Akkaataa (ykn gosa) nyaatichaas hin geeddarre ture.

Jechi “kudha lama” jedhu hiika fakkeenya barbaachisaa/adda ta’e wayii qabaa? Isa san kan mirkaneeffatan ta’uuf nama rakkisa. Akka eeruu gosoota isiraa’eliif Yesuus Kakuu Moofaabakkaan ni ga’a, eerutti ykn gundoon tokko, tokko tokko ergamoota Isaatiif (Yesuus Ergamoota Isaa ni quufsa akkasumas immoo waan barbaachisu ni dhiheessaafi) ta’utti hiikamaa tureera, garuu immoo inni tarii bal’ina dhuga ba’uumsa ijaanii tureera ta’a akkuma (w.19).

MATA DUREE ADDAA: LAKKOOFSA KUDHA LAMA

Lakkoofsi kudha lama yeruma hundumaa akka lakkoofsa fakkeenya dhaabbataa ta’aa tureera.

A. Macaafa Qultulluutiin ala

1. Kudha lama mallattoo zodiac
2. Ji’ootan 12 waggaa tokkoo

B. Kakuu Moofaa keessatti (BDB 1040 ida’uu 797)

1. Ijoollee Yaaqob (gosoota Yihudootaa)
2. Kanneen armaan gadii keessatti calaqqisiifameera
 - a. Ba’u 24:4 keessatti utubaawwan kudha lama iddoo aarsaa
 - b. Faayota kudha lamaan breaste plate luboota olaanaa irraa (isa gosootaaf dhaabatu) Ba’u 28:21
 - c. Buddeenann kudha lamina mana qulqullummaa keessatti iddoo qulqullummaa Lew. 24:5 keessaa
 - d. Basaastonni kudha lama Lak. 13 keessatti (tokkoon tokkoon isaanii gosoota bakka bu’u) gara Kana’aan ni ergamani.
 - e. Uleewwan kudha lamaan (gosaaf kan dhaabatan) fincila Qoraahi Lak. 17:2 keessaa
 - f. Dhagoota kudha lamaan Iyyaasuu Iya. 4:3,9,20 keessaa
 - g. Aangoowwan tajaajilaa bulchiinsa Solomoon 1Mot. 4:7 keessaa
 - h. Dhagoota kudha lamaan iddoo galma Eliyaas YHWHdhaaf 1Mot. 18:31 keessaa calaqqisiifamee ture

C. Kakuu Haaraa keessatti

1. Bartoota kudha lamaatu filatame
2. Buddeena gundoo kudha lama (Bartoota tokkoon tokkoo isaaniiif tokko tokko) mat. 14:20 keessaa
3. Barcumoota kudha lama isa bartoonni Kakuu Haaraa (gosoota Isiraa’el kan eeru) Mat. 19:28 keessatti irra taa’an.
4. Ergammoota duula kudha lama Mat. 26:53 keessatti Yesuusiif oolchuuf ergamuu malanii
5. Fakkeenyummaa Mul’ataa
 - a. Maanguddoota 24 barcuma 24 irratti 4:4
 - b. 144,000 (12x12,000 7:4; 14:1,3 keessaa
 - c. Urjiiwwan kudha lamaan gonfoo dubartootii 12:1 keessa irraa
 - d. Balbaloota kudha lama, ergamoota kudha lama kanneen gosoota kudha lamaan 21:12 keessatti calaqqisiisanii,
 - e. Dhagoota bu’uuraa kudha lama Yerusaaaleem haaraa fi isaanirratti maqaan Ergamootaa 21:14 keessatti irra ture.
 - f. Stadiawwan kuma kudha lama 21:16 keessaa (bal’ina magaalaa haaraa, yeruusaaalem)
 - g. Keenyan dhundhuma 144 21:7 keessatti
 - h. Balbaloota somboo kudha lama 21:21 keessaa
 - i. Mukkeen gosoota kuduraa kudha lama qaban (tokkoon tokkoo isaanii ji’a tokko tokkoof) Yerusaaalem haaraa 22:2 keessaa

6:14 “Raajicha” Inni kun ibsa eeruu masihummaa Kes. 18:15-22 (cf. HoE 3:22; 7:37)dha. Namoonni humna Yesuus qalbeeffataniiru; garuu immoo amala ergamootaa fi milikkitoota Isaa hin hubanne ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 6:15

¹⁵Yesuus namoonni kun dhufanii humnaa Isa qabaniid mootii Isa godhachuudhaaf abbaalutti akka jiran hubatee, kophaa Isaa ammas gara gaaraatti jalaa sokke.

6:15 Namoonni danuun sun dinqii Masihummaa Yesuus nyaata itti dhiheessee baay’ee gammadan. Waraabbiin kun tarii carraaqii hammootaa Mat. 4:3 wajjin walitti dhufuu ni mala.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 6:16-21

¹⁶Yeroo galgalaa’es, bartoonni Isaa gara bishaan ciisaa sanaatti gad bu’an. ¹⁷Erga dukkanaa’ee immoo, Yesuus amma illee gara isaanii hin dhufne iyyuu, bidiruu yaabbatanii gama Qifirnaahomitti cehuuf ka’an. ¹⁸Qilleensi jabaan qilleensofnaan bishaanichi raafame. ¹⁹Kiiloo meetrii shanii hamma ja’aatti bidiruudhaan erga adeemanii, Yesuus bishaan gubbaa adeemee gara bidirichaatti utuu dhi’aatuu arganii sodaatan. ²⁰Yesuus garuu, “Hin sodaatinaa, Innoo Ana” isaanin jedhe. ²¹Isaan gara bidirichaatti Isa fudhachuu barbaadan; bidirichi garuu achumaan qarqara bishaanichaa iddoo itti adeemaa turan ga’e.

6:17 “Qifinaahom” Inni kun yeroo ergama Galiilaa Isaatti iddoo taa’umsa muumme ture, sababni isaas amantii dhabuu mandara Isaa Naazireet (cf. Luq. 4:28-29).

6:19 “kiiloo meetrii shanii hamma ja’aatti bidiruudhaan erga adeemanii” Isana yommuu Yesuus bishaanirra deemaa gara isaanii dhufaa turetti karaa walakkaa Isaatti dhihaatu galaanicha qaxxaamuru irra ga’anii turani. Maatewoos seenessuu kanaaf bal’isee Pheexiroos gara isaa bishaanirra deemus itti ni maka.

▣ **“sodaatan”** Bartoonni kunniin yeroo sittuu Yesuus madaallii namooma lafaatiin Yesuus tilmaamaa turani. Sodaan bartootaa mar. 6:49 keessatti ibsamee ture. Ulfinni “mallattoowwan” kanniin Inni eenyu akka ture akka beekaniif isaan dirqisiise.

6:20 “Innoo Ana” Inni kun jechumaaf jecha (egō eimi) “Anuma” jechuu (cf. 4:26; 8:24,28,54-59; 13:19; 18:5-6) isa maqaa kakuu Waaqayyoo Kakuu Moofaa, YHWH Ba’u 3:12-15 calaqqisiisuudha. Yesuus “Anuma” mul’atu gutummaa of mul’isuu Waaqayyoo logos sagalee) Waaqayyoo foon uffate, ilma dhugaati fi tokkichadha. Mata duree Addaa armaan gadii keessatti D ilaalaa.

MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A. El (BDB 42, KB 48)

1. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa’ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian ‘cimaa’ ykn “humna qabeessa” jedhanii amananiilee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
2. Waaqni ol’aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana’aan (kitaaba Ras Shamra)
3. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuwwan kunniin Waaqayyoon tahiiyeessuuf karaa ni ta’e.
 - a. El – Elyon (Waaqayyoo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14
 - b. El-Roi (“Waaqayyoo isa ilaalu” ykn “Isa ofii Isaa mul’isuu” BDB fi 909), Uma. 16:13
 - c. El-Shadaai (“Waaqayyoo Gaaraa” BDB 42 fi 994), Uma. 17:1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba’u 6:3)
 - d. El-Olam (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti’oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16

- e. El-Berit (“Waaqayyoo Kakuu” BDB 42 fi 136, Abo. 9:46)
4. El
- YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
 - Elohim, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, “Ani El dha, Elohim abbaa keetii”
 - Shaddai Uma. 49:25
 - “inaafaa” Ba’u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
 - “araara” Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
 - “guddaa fi sodaatamaa” Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4
 - “beekumsa” 1Sam. 2:3 keessatti
 - “da’oo cimaa koo” 2Sam. 22:33 keessaa
 - “ijaa baasaa koo” 2Sam. 22:33 keessa
 - “tokkicha quqlulluu” Isa. 5:16 keessaa
 - “hundaa oli” Isa. 10:21 keessaa
 - “fayyina koo” isa 12:2 keessaa
 - “guddaa fi humna qabeessa” Er. 32:18 keessaa
 - “adabaa sirrii” Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa’uudha.
5. Walitti hidhamni hundaa ol’aanaa ta’e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (El, Elohim, YHWH, irra deebi’ame) keessatti ni argama.
- B. Elyon (BDB 715, KB 832)
- Hiikkaan bu’uraa isaa “ol’aanaa” “kan oqubaan dhihaatuuf” ykn “ol ol jedhe” (cf. Uma. 40:17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
 - Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
 - Elohim – Far. 47-12; 73:11; 107:11
 - YHWH – Uma. 14:22, 2am. 22:14
 - El-shaddai – Far. 91:9
 - El-Num 24:16
 - Elah – yeruma hundaa Daani’eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti “Waaqayyo Hangafa”) Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21
 - Inni yeroo baay’ee warra Isiraa’eloota hin taanee faayidaarra oola
 - Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
 - Balaam Lak. 24:16
 - Muusee, waa’ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
 - Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta’e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6:35; 8:28; HoE 7:4; 16:17).
- C. Elohim (DANESSA), Eloah (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)
- Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
 - Jechi kun Waaqa Isiraa’el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa’a (cf. Ba’u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)
 - Inni abbootii firdii Isiraa’el eeruu ni danda’a (cf. Ba’u. 2:6; Far. 82:6).
 - Jechi elohim dhagnoota hafuura kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
 - Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu’urumaarraayyuu (karaa ti’oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).

Inni El wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (elohim) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaattirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta'uu ni danda'a.

6. Hammamiyyuu DANEESAAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay'ee Waaqayyo Isiraa'el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEEXAA ni qaba.
7. Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta'utti afaan warra Isiraa'elootaan ala ta'an keessatti ni argama.
 - a. Malkesideeq, Uma. 14:18-22
 - b. Balaam, Lakk. 24:2
 - c. Muusee, yommuu waa'ee sabootaa dubbatu, Ba'u 32:8
8. Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa'el DANEESAA ta'uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa'e jiraachuu baatullee, ti'ooriiwwan kunooti.
 - a. Ibraayisxiin DANEESAA yeroo baay'ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee "The plurar of majesty" jedhamu, iddoo itti DANEESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.
 - b. Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)
 - c. Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal'achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda'a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu'aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D. YHWH (BDB 217, KB 394)

1. Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

Maqaan kun jalqaba Elohim wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta'in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul'atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul'ata addaa waa'ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta'e wajjin fincila gamtaa'een ni jalqaba.

2. Uma. 4:26 keessatti "namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhameera. Haa ta'u malee, Ba'u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba'u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta'u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta'iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti'ooriiwwan danuun akka hiika maqaa kanaatti ni ta'u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).
 - a. Hidda Arabiffaa tokko irraa "jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu"
 - b. Hidda Arabiffaa tokko irraa "qilleensa'uu" YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)
 - c. Hidda Ugartic (Kana'aan) irraa "dubbachuu"
 - d. Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE "Tokkicha Isa jiraatu" ykn "Tokkicha Isa hundeessu" ta'e
 - e. Gosa Qal Ibraayisxii irraa "Tokkicha Isa ta'e" ykn "Tokkicha Isa amma ta'e" (miira egeriitiin, "Tokkicha Isa ta'u")
 - f. Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"

- g. Hidda Ibraayisxii irraa “jiraachuu” (fak. Uma. 3:20), jechuunis “jiraaaa bara baraa, Tokkeiha bara baraa jiraatu”
- h. Qabiyyee dubbisaa Ba’u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTiin faayidaarra oole, “Wantan ture ta’uuf itti fufuun qaba” ykn “Ani wantan yeruma hunda ture ta’uuf itti fufuun qaba” (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta’uu danda’a ibsame.
- 1) Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba’u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)
 - 2) Yahu (“Yaas” dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)
 - 3) Yo (“Jo” jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)
3. Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay’ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba’u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana’anii turan ni ta’e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii “abbaa qabeenyaa” “barsiisaa” “abbaa manaa” gooftaa”tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii kitaabota Kakuu moofaa YHWHtti dhufanitti isana “gooftaa” jedhanii waamu. Kanumaafi YHWHn hiikkaa Ingiliffaatirratti LORD kan Afaan Ormooti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.
4. Akkuma El wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa’eliif tokko tokkoof ixxyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda’an, kunoo tokko tokko.
- a. *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14)
 - b. *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba’u 15:26)
 - c. *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba’u. 17:15
 - d. *YHWH – Meqaddishkem* (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba’u 31:13
 - e. *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
 - f. *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo baay’ee Raajota keessatti
 - g. *YHWH – Ro’I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLES), Far. 23:1
 - h. *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
 - i. *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

6:21 “bidirichi garuu achumaan qarqara bishaanichaa iddoo itti adeemaa turan ga’e” Inni kun ifumatti ta’iyyee dinqisiisaa kan bu’aat ture (cf. 22-250 Wangeelli Maarqos isaan galaanicha qaxxaamuruuf walakkaa isaa jiru ture (cf. Mar. 6:47) Haa ta’u malee, inni wangeelota kan biroo keessatti hin eeramne (i.e. Mat. 14:32 ykn Marq. 6:51).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 6:22-25

²²Barumtaa namoonni bishaanicha gamatti hafan sun, kaleessumtii bidiruun tokkichi duwwaan akka achi ture, Yesuus immoo bartoota Isaa wajjin bidiricha akka hin yaabbatin, bartoonni kophaa isaanii bidirichaan akka adeeman baran. ²³haa ta’u iyyuu malee, bidirooni kan biraa Xiberiyaasii gara iddoo sanaa dhufaniiru; iddoon sun immoo lafa itti Gooftaan galata galche, namoonni buddeena nyaatan sanatti dhioo ture. ²⁴Namoonni sun, Yesuus bartoonni Isaas akka achi hin jirre baranii, bidiroota yaabbatanii, Yesuusiin barbaacha gara Qifirnaahomitti ce’an. ²⁵Yommus jarri Yesuusiin bishaanicha gamatti argatanii, “yaa barsiisaa! Yoom as geesse?” ittiin jedhan.

6:23 “Xiberiyaas” Inni kun magaalaa AD 22 keessatti Harood Antipasiin ijaaramee magaalaa guddaa ta'edha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:26-34

²⁶Yesuus immoo deebisee, “Dhuguma, dhuguman isinitti hima, isin milikkita waan argitaniif utuu hin ta'in buddeena nyaattanii waan quuftaniif na barbaaddu. ²⁷Nyaata baduuf hin dhama'inaa! Nyaata jireenya bara braatiif argamuuf dhama'aa malee! Ilmi Namaa Inni Waaqayyo Abbaan mallattoo itti godhe, nyaata kana isiniif kennuuf jira” isaniin jedhe. ²⁸Isaan immoo, “Eгаа hojii Waaqayyoof akka dhamaanuuf maal gochuutu nuuf ta'a?” jedhanii isa gaafatan. ²⁹Yesuus deebisee “Isa Inni ergetti amanuu keessaniin hojii Waaayyoo ni hojjettu?” jedheen. ³⁰Kana irratti isaanis, “Arginee argisiifta? Maalis hojjetta re?” ³¹Macaafni Buddeena akka nyaattaniif Waaqa irraa isaaniif kenne akkuma jedhu, abaabiliin keenya lafa onaatti nyaata “Mannaa” jedhamu nyaataniiru” jedhaniin. Yesuus immoo deebisee, “Dhuguma, dhuguman isiniin jedha. Museen buddeena Waaqa irraa isiniif hin kennine; Abbaan koo buddeena isa dhugaa Waaqa irraa isiniif ni kenna. ³³Buddeenni Waaqayyoo isa Waaqa irraa gadi dhufu, biyya lafaatifis isa jireenya keennuudha” jedheen. ³⁴Isaan immoo, “Gooftaa, buddeena kana yeroo hundumaa nuuf kenni” jedhaniin.

6:26, 32,53 “dhuguma, dhuguman isinitit hima” “Ameen” “Amen” Inni kun gaalee Ibraayisxii isa buufatoota itti fayyadamaa sadi'i qabuudha.

1. Kakuu Moofaa keessatti jechichi “amanuu” dhaaf fayyadaa ture. Hiikni fakkeenyummaa isaa “kan mirkanaa'e” ta'uu fi YHWHtti amanuu nama tokkoo ibsuudhaaf fayyadee ture.
2. Itti fayyadamni Yesuus seensa ibsoota barbaachisoo ta'an ni calaqqisiisa. Karaa kanaan itti fayyadama “ameen” bara tokko waliin turankan biroo hin qabnu.
3. Waldaa kiristiyaanaa durii keessatti, akkuma Kakuu Moofaa inni jecha mirkaneeffannaa ykn raggaasifannaa ta'uuf ni dhufe.

Mata Duree Addaa: Ameen 1:51 irratti ilaali.

▣ “buddeena nyaattanii” Ilaalchi/fedhiin isanaii kan foonii fi kan battaluma, a kan hafuura fi kan bara baraa miti.

▣ “waan quuftaniif” Jecha kana jechuun “gabbachuu” jechuudha. Inni sun beelladootaaf faayidaarra oolaa turani (keessattuu saawwan).

6:27 “hin dhama'inaa” Inni kun PRESENT MIDDLE IMPERATIVE, NEGATIVE PARTICIPLE isa yeruma hunda gochaa asiin dura adeemsa irra ture tokko dhaabu wajjin jiru tokkoodha. Seenaan dudduubaa Kakuu Moofaa dubbisa kanaa Isaayyaas 5 dha. Haasaan kun haasaa dubartii boolla bira turte Yohaannis 4 keessaa wajjin walfakkeenya danuu ni qaba.

▣ “baduu” Mata Duree Addaa: Apollumi 10:10 irratti ilaalaa.

▣ “Inni Waaqayyo Abbaan Mallattoo itti godhe” Inni kun jechuumaa fi jechatti “mallatteeffamuu” dha. Inni kun mallattoo aangummaa, abbummaa, taayitummaa fi wabiit ture (cf. VEB fi Mat. 28:18; Yoh. 17:2). Hamma inni mirkaneeffannaa Waaqayyo Abbaa ergama Yesuus hubachiisuuf gargaaretti TEV fi NIVn akka raggaasisuutti hiika. Mata duree Addaa: Mallattoo 3:33 irraa iddoo itti inni Hafuura Qulqulluu eeruu malu ilaalaa.

6:28 “Eгаа hojii Waaqayyoof akka dhamaanuuf maal gochuutu nuuf ta'a?” Inni kun gaaffii amantii wiirtuu ta'e amantii Yihudaa jaarraa tokkoffaat ture. (cf. Luq. 18:8). Namni amantii Yihudaa (1) irkanaa isaarratti fi (2) gochaa seera Muusee akkuma Aadaa Afoolaa (Talmud) dhaan daddarbee inni raawwateef Waaqayyoo wajjin sirriitti kan jiru akka isatti fakkaatutti yaadaa ture.

6:29 “Isa Inni ergetti amanuu keessaniin” Inni kun PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE, AORIST ACTIVE INDICATIVE dhaan hordofameedha. Jechi “amanuu” jedhu hubannaa barsiisota Kakuu Haaraa waa'ee fayyinaa ilaalchisee baay'een barbaachisaadha. Mata Duree Addaa 2:23 irraa ilaali. Qabachiisni jalqabaa jechichaa

amantii fedha ofiitiin filatamu ture. Jechi Giriikii *pistis* akka “amanuu” “abdachuu” ykn “amantii”tti hiikamuu ni danda’ama. Xiyyeeffannaan dhala namaa hojii namummaa isaatti otuu hin ta’in, ykn dharraa/fedhii guddaa ofitirraa otuu hin ta’in Isatti amanuu ta’uu qaba (cf. 1:12; 3:16). Hubachiisni jalqabaa dubbisa kanaa walitti dhufeenya dhuunfaa Yesuus Kiristoos wajjin qaban malee, ti’oolojii Ortodoksii waa’ee Isaa, gochaawwan amantii hoggayyuu yeroo murtaa’anitti hojjetaman, ykn jireenya naamusa qabu miti. Wantoonni kunniin hundinuu waan nama gargaaraniidha, garuu immoo kan bu’ura miti. Yesuus “hojiilee” DANEESSAA gaaffii Isaanii gara “hojii” LEEXAATTI jijjiiruu isaa qalbeeffadhaa.

“Erguu” dhaaf Mata Duree Addaa “Erguu (*Apostellō*) 5:24 irratti ilaali.

6:30-33 Gartuuwwan kunniin dinqii nyaachisuu namoota kuma shanii irratti hirmaatanii kan turan ta'uun isaanii yaadatamuu qaba. Isaan dursaniituu mallattoo ofii isaaniituu ni qabu! Barsiisonni amantii Yihudaa Masihichi gochaawwan Kakuu mofaa tokko tokko, kanneen akka mannaa erguu/buusuu (cf. II Baruch 29:8) akka irra deebi'u barsiisaniiru. Barsiisonni Amantii Yihudii ilaalcha Masihii akka Muusee “dinqii” kanaaf akka kitaaba ragaatti Far. 72:16 fayyadamanii jiru (cf. 1Qor. 1:22).

Barreeffamni caasluugaa barbaachisaan “Isa Inni ergetti amanuu “w. 29” fi “sitti amanuu” w.30 gidduu jiru tokko ni jira. Inni jalqabaa ijaarsa Yesuusitti amanuu yesuus yeruma hunda raawwatu irratti ni xiyyeeffata. Inni xiyyeeffannaa dhuunfaati. Inni lammaffaa dubbuu Yesuusitti amanuu ykn gaaffii isa qaibyyeen tokko xiyyeeffatu ni kaasa. Yaadadhaa, Wangeelli lamaanuu nama tokkos ergaas ta'uu isaa. Mata Duree Addaa 2:23 irratti ilaali.

6:31 “Macaafni/akkuma caaffame” Inni kun PERIPHRASTIC PERFECT PASSIVE PARTICIPLE dha. Inni luqqisoota caaffattoota Kakuu Moofaa irraa beeksiisuuf akaakuu caasluugaa sadarkaa isaa eeggate ture. Inni ciigoo dadammaqiinsaa fi aangoo Kakuu miknaeessu tokko ture. Luqqisni kun kitaabota Kakuu Moofaa danuu keessaa tokko ykn cimdii Far, 78:24; 105:40; Ba'u. 16:4,15 ykn Nah. 9:15 eeruu ni danda'aayyu.

6:32 Yesuus ti'oolojii aadaa warra Yihudootaa ni argisiisa. Sababa Kes. 18;15, 18tiin masihichi akkuma Muusee hojiilee dinqii agarsiisuu qaba jedhanii ni dubbatu. Yesuus qabxiwwan danuu irratti yaadota isaanii ni sirreessa.

1. Muusee otuu hin ta'in Waaqayyootu mannaa kenne
2. hammamiyyuu namoonni akka inni Waaqarraa madde isaanitti fakkaachaa turu illee mannaan madda Waaqaa miti (cf. Far. 7:23-25)
3. buddeenni dhugaa Waaqa, Inni gochaa yeroo darbee hin turre, garuu immoo dhugaa yeroo ammaa yesuus ture.

6:33 “isa Waaqa irra gadi dhufu” Inni kun Yohaannis keessatti dhaamsa deddeebi'ee mul'atu (cf. 3:13). Inni walitti dhufeenya irraa gadee wantoota lamaa Yesuus si'a torba ibsame (cf. 6:33, 38, 41, 42, 50, 51, 58). Inni dursee jiraachuu, bu'ura Waaqummaa Yesuus ni argisiisa (cf. ww. 33, 38, 41, 42, 51, 5, 58 fi 62). Inni dabalataanis isa Waaqa irraa akkuma buddeena dhugaa buddeena jireenyaa Yesuus raawwatee ture, dhufe “mannaa” irratti ni taphata.

Inni kun jechumaaf jechatti “buddeenni Waaqayyoo isa tokkicha Waaqarraa dhufuutti jiruudha” Asirratti MASULINE PRESENT ACIVE PARTICIPLE (1) “buddeena” ykn (2) nama tokko, Yesuus eeruufi. Yesuma hundaa Wangeela Yohaannis keessatti wantoonni hiika lama caalaa qaban kunniin kaayyoo kan qabani (hiika dachaa).

▣ **“biyya lafaatifis isa jireenya keennuudha”** Inni kun kaayyoo Yesuus dhufee fi (cf. 3:16; mar. 10:4; 2Qor. 5:21). Warra badanii fi biyya lafaa finciltoota ta'aniif, gartuuwwan addaa (Yihudii/Ormoota, filatamoo/kan hin filatamne, ciccitoota/gadhiisii) dhaaf otuu hin ta'iin hundumaafuu, galmichi “jireenya haaraa” “jireenya bara baraa” “jireenya bara haaraa” “jireenya akka Waaqayyoo jiraachuudha”

6:34

NASB, NKJV	“Gooftaa”
NRSV, TEv	
NJB, NET BIBLE	
NIV, REB	“Gooftaa

Gooftaan bakka lamaanittuu faayidaarra oole kun itti fayyadama kurios addaa ni calaqqisiisa. Dubbisa keessatti inni lammaffaa gaarii fakkaata. Ummanni Yesuus ykn jechoota Isaa hubachuu hin dandeenye ture. Isaan akka Masihiitti isa hin simanne ture (dabalataa yaadannoo 4:14; 5:7).

▣ **“buddeena kana yeroo hundumaa nuuf kenni”** Inni kun ibsa dubartii boolla bishaanii biraa Yoh. 4:14 keessaatiin tokkuma. Yihudoonni kunniin bakka buusa hafuura Yesuusiin hin hubanne ture. Inni kun Yohaannis keessatti dhaamsa deddeebi'ee mul'atu.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:35-40

³⁵Yommus Yesuus “Ana buddeenni jireenyaa, gara koo kan dhufu hin beel'au kan anatti amanus matumaa hin dheebotu. ³⁶Akkuma Ani isinitti hime, isin Ana argitaniirtu, garuu hin amantan. ³⁷Abbaan koo Anaaf kan kennu hundinuu gara koo ni dhufa, isa gara koo dhufu Ani of irraa hin ari'u. ³⁸Fedha ofii kootii raawwachuudhaaf miti, fedha Isa Ana ergee raawwachuudhaafan Waaqa irraa gad bu'e malee. ³⁹Inni na erge immoo warra Inni Anaaf kenne keessaa tokko illee akka Ani balleessuu hin fedhu, guyyaa booddeetti du'aa akkan isaan kaasu fedha malee. ⁴⁰Abbaan koo, namni Ana Ilma Isaa argu, kan Anatti amanus hundinuu jireenya bara baraa akka qabaatu ni fedha; Ani immoo guyyaa booddeetti du'aa isa nan kaasa.

6:35 “Ana buddeenni jireenyaa” Inni kun “Anoo Isaa” ibsoota amala Wangeela Yohaannis ta'an keessaa isa tokko (cf. 6:35, 41, 48, 51, 8:2; 10:7,9,11 14; 11:25; 14:6; 15:1, 5). Wangeelli Yohaannis namooma Kiristoos irratti xiyyeeffata. Inni kun abdi Masihummaa warra Yihudootaa waa'ee mannaa fi seera haaraa kenname Isa ba'uu (cubbuu irraa) haaraa fidu wajjin kan walitti firoomuudha. Yaadannoo 8:12 irraa ilaali.

▣ **“Gara koo kan dhufu hin beel'au kan anatti amanus matumaa hin dheebotu”** kunniin Giriikiidhaan NEGATIIVIIWWAN DACHAA ciccimoo lama, “hin...hin” (cf. w.37).

Walitti dhufeenyi cinayyaa “dhufuu” fi “amanuu” (cf. 7:37-38 “arguu” fi “dhaga'uu” wajjin tokko kan ta'an) gidduu ni jira. Isaan lamaanuu PRESENT PARTICIPLE dha. Amantoonni dhufuunii fi amanuun murtoo yeroo tokkootii miti, garuu immoo jalqabbii haala jireenyaa firummaa hiriyummaa fi walii wajjin Waaqeffachuuti malee.

▣ **“beela'uu...dheebochuu”** Beellii fi dheebuun yeruma hundaa dhugaa hafuura ibsuudhaaf faayidaarra oolu ture (cf. Far. 42:1; Isa. 55:1; Amo. 8:11-12; Mat. 5:6).

6:36 “isin Ana argitaniirtu” Dhugaa ba'uumsi durii tokko tokko (MSS xxx,A fi Laatinii Moofaan danuun maxxansoonni vulgate fi syriac “Ana” isa jedhu isa ibsa Yesuus mallattoo Isaa (i.e. Macca nyaachisuu) eeru ni dhiisu. MAQAADHAALICHI barreeffamoota Giriikii durii danuu keessattii fi maxxansoota kanneen UBS4 inni kun kan jalqabaa akka ta'e murteessuu dadhabe keessatti hammatamee ture.

6:37 “Abbaan koo Anaaf kan kennu hundinuu gara koo ni dhufa” Xiyyeeffannaan jalqabaa dubbisa kanaa birmadummaa Waaqayyooti. Dhugaa lama, roomaa 9 fi Efe. 1:3-14dha. Dubbisoota lamaanuu keessattuu deebiin dhala namaa gaaffatamuun isaa waan namatti toluudha. Roomaa 10 gaaleewwan hundumaa of keessaa qaban torba ni qaba. Inni kun dabalataanis dhimma Efesoon 2, iddoo itti mareen ayyaana Waaqayyoo ww.1-7 waamicha amantiitiif ww.8,9 keessaatiif yaada ta'aniidha. Waan fuulduartii ta'u dursanii aaruun warra hafuura hamaarraa qullaa'aniif barsiisa, warra hin fayyineef ba'aa miti. Barsiisa amantiitiif furtoon, sagada bara baraa otuu hin ta'in jaalalaa fi ayyaana Waaqayyooti. Warri Waaqayyo Yesuusiif kennu hundumtinuu gara isaa “dhufu” isaanii yaadahdaa. Waaqayyo yeruma hundaa kaka'uumsa ni fudhata (cf. ww.44, 65), garuu immoo dhalli namaa deebisuu qaba (cf. 1:12; 3:16) Mata Duree Addaa 3:16 irratti ilaali.

▣ **“isa gara koo dhufu Ani of irraa hin ari'u”** Inni kun NEGATIVII DACHAA cimaa kan biraadha. Inni kun dhugaa isa Waaqayyo nama kamiyyuu karaa Kiristoosiin ofitti waamuu fi simatu ni addeessa (cf. His. 18:21-23; 30-32; 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9). Waaqayyo yeruma hundaa kaka'uumsa ni fudhata (cf. ww. 44, 64). Garuu immoo dhalli namaa deebisuu qaba (cf. Mar. 1:15; HoE. 20:21). Nageenya irratti dubbisa akkam dinqiidha (cf. Rom 8:31-29)!

MATA DUREE ADDAA: WABII KIRISTIYAANAA

Wabiin/abdiin (1) dhugaa Macaafa Qulqulluu (2) shaakala amantii amantootaa fi (3) haala jireenyaati.

A. Wabiidhaaf bu'uurri Macaafa Qulqullu

1. Amala Waaqayyo Abbaa

- a. Uma. 3:15; 12:3
- b. Far. 46:10
- c. Yoh. 3:16; 10:28-29
- d. Rom. 8:38-39
- e. Efe. 1:3-14; 2:5, 8-9
- f. Fil. 1:6
- g. 2Xim. 1:12
- h. 1Phex. 1:3-5

2. Waaqayyo hojii Ilmaa

- a. Kadhata lubummaa Isa, a Yoha. 17:9-24, keessattuu w.12
- b. aarsaa bakka bu'ummaa Isaa
 - 1) Rom. 8:31
 - 2) 2Qor. 5:21
 - 3) 1Yoh. 4:9-10
- c. Sabbachiisummaa Isaa itti fufeenya qabu
 - 1) Rom. 8:34
 - 2) Ibr. 7:25
 - 3) 1Yoh. 2:1

3. Waaqayyo dandeessisuu hafuuraa

- a. Waamicha Isaa, Yoh. 6:44, 65
- b. mallatteessuu Isaa
 - 1) 2Qor. 1:22; 5:5
 - 2) Efe. 1:13-14; 4:30
- c. Wabii dhuunfaa Isaa
 - 1) Rom. 8:16-17
 - 2) 1Yoh. 5:7-13

B. Deebiin Kakuu barbaachisaan amantootaa

1. qalbii diddiirrannaa fi amantii jalqabaafii itti fueenya qabu

- a. Mar. 1:15
- b. Yoh. 1:12
- c. HoE 3:16; 20:21'
- d. Rom 10:9-13

2. galmi fayyinaa Kiristoos fakkaachuu ta'uu isaa yaadachuu

- a. Rom. 8:28-29
- b. Efe. 1:4; 2:10; 4:13

3. wabiin haala jireenyaatiin mirkanaa'uu isaa yaadachuu

- a. Yaaqoob
- b. 1Yohaannis

4. wabiin amantii si'aawaa fi hojjechuu itti fufuudhaan mirkanaa'uu isaa yaadachuu

- a. Mar. 13:13
- b. 1Qor. 15:2
- c. Ibr. 3:14; 4:14
- d. 2Phex. 1:10
- e. Yihudaa ww. 20-21

6:38 “Waaqarraan gad bu'e” Inni kun PERFECT TENSE isa foon uffachuu (cf. Yoh. 1:1ff; Efe. 4:8-10), fi bu'aawwan isaa hafan eerudha. Inni dabalataanis Waaqarraa bu'uu Yesuus ni argisiisa (cf. ww. 41, 62).

▣ **“Fedha ofii kootii raawwachuudhaaf miti, fedha Isa Ana ergee raawwachuudhaafan”** Kakuu Haaraan lamaanuu tokkummaa sadan Waaqa tokko (Mata duree Addaa 14:6 irratti ilaalaa) fkn 14:8-9 fi qaama dhagna sadan (cf. 14:8-9) cimsee ni dubbata. Waraabbiin kun dhagna itti fufiinsa xiyyeeffannaa abboomamuu Yesuus Abbaadhaaf Yohaannis ibsuudha. Yaadannoo guutuu 5:19 irraa ilaali. Mata duree Addaa: Erguu (Apostello) 5:24 irraa ilaali.

6:39 “Inni na erge immoo warra Inni Anaaf kennee keessaa tokko illee akka ani balleessu hin fedhu” Walitti dhufeenyi ifa ta'eetu NEVETER SINGULAR “tokko illee” w. 37 fi NEVTER SINGULAR w. 39 gidduu jira Yohaannis yeroo baay'ee tooftaa baratamaa hint aane kana ni fayyadama (cf. 17:2, 24), Inni ifumatti gamtaa guutummaa ni addeessa (cf. ww. 40, 45).

kun kakuu guddaa humna eeguu Waaqayyoo, burqaa wabii kiristiyaanaati (cf. Yoh. 10:28-29; 17:2, 24, Mata duree addaa 1Yoh. 5:13 irratti ilaalaa). GOCHIMNI HIMAA w. 37 PRESTENT TENSE, ta'uu isaa, inni w. 39 keessaa PERFECT TENSE ta'uu isaa yadaadhaa. Kennaan Waaqayyoo ni ibsa! Dabaltaanis mirkaneeffannaa w. 39 booddee lamaanuu AORIST ACITVE dha, Yesuus wanta Abbaan Isaaf kenne hundumaa (ww. 37 fi 37) akkasumas Inni guyyaa dhumaatti kanneen Isaa kennaman hunda ni kaasa (cf. w. 44). Kakuuwwan Waaqummaa (1) filachuu fi (2) itti fufeenyaan hojjechuu kanniini!

Itti ilaalchi fayyadama guyyaa tokko (lamaanuu posatiivii fi negatiivii) aangoowwan danuudhaan waamama,

1. Guyyoota dhuma/boodde, 6:39, 40, 44, 54; 11:24; 12:48; 2Xim. 3:1; 1Phex. 1:5; 2Phex. 3:3
2. Yeroo dhuma, 1Yoh. 2:18; yihudaa w. 18
3. Guyyaa sana, Mat. 7:22; 2Xim. 1:12, 18; 4:8
4. Guyyaa tokko HoE 17:31
5. Guyyaa guddaa, Yihudaa w. 6
6. Guyyicha, Luq. 17:30; 1Qor. 3:13; 1Tas. 5:4; Ibr. 10:25
7. Guyyaa Isaa Luq. 17:24
8. Guyyaa Gooftaa 1Tas. 5:2; 2Tas. 2:2
9. Guyyaa Kiristoos, fil. 1:10; 2:16
10. Guyyaa Gooftaa Yesuus Kiristoos, 1Qor. 1:8; 5:5
11. Guyyaa Gooftaa 2Qor. 1:14
12. Guyyaa Kiristoos Yesuus Fil. 1:16
13. Guyyaa Ilma Namaa, Luq. 17:24 (#7 dabalataan ilaali)
14. Guyyaa Firdii Mat. 10:15; 11:22, 24; 12:36; 2Phex. 2:9; 3:7; 1Yoh. 4:17
15. Guyyaa dheekkamsaa, Mul. 6:17
16. Guyyaa Guddicha Waaqayyoo Mul. 16:14

▣ **“guyyaa booddeetti du'aa akkan isaan kaasu fedha malee”** Inni kun warra amananiif guyyaa du'aa ka'uumsa warra hin amanneef garuu guyyaa firdii ni eera (cf. ww. 40, 44, 54, 5:28; 11:24 fi 1Qor. 15). Firaank Staag A New Testament Theology isaa keessatti ibsa gargaaraa ta'e ni qaba.

“Wangeelli Yohaannis wanta fuulduratti ta'uuf kan xiyyeeffannaa kennuu (14:3, 18 f 28; 16:16,22) akkasumas inni ifumaan fiatti waa'ee du'aa ka'uumsaa fi firdii dhuma guyyaa dhumaatti/booddeetti ta'u ni dubbata; (5:28 f, 6:39b, 44, 53; 11:23; 12:48), waan ta'eefis Wangeelli Afraffaan kun, jireenya bara baraa, firdii fi du'aa ka'umsi dhugaawwan yeroo ammaati (3:18 f; 4:23; 5:25; 6:54; 11:23ff; 12:28,31; 13:31f; 14:17; 17:26) (f. 311).

6:40 “Abbaan koo ni fedha” Inni kun gaaffii w. 28 “Eгаа hojii Waaqayyoof akka dhaamaanuuf maal gochuutu nuuf ta'a?” Jedhuuf deebii Yesuusi. Mata duree Addaa: Fedha Waaqayyoo 4:34 irratti ilaalaa.

▣ **“Namni Ana Ilma Isaa argu”** PRESENT ACTIVE PARTICIPLE “arguu” fi “amanuu” cinayyaadha (akkuma w.35 keessatti “dhufuu” fi “amanuu” “arguu” fi “dhaga'uu” kunniin gochaawwan itti fufiinsa qabani yoo ta'an, gochaa yeroo tokkoo miti. Jechi “arguu” jechuun wanta tokko tokko hubachuu ykn isa beekuuf “fedhii fi hawwiidhaan fajajuu” jechuudha.

Ani sirrumatti jecha “nama kamiyyuu” (pas) jedhu nan jaaladha, yaadadhaa

1. Hundumtuu gama isaatiin ni amanuu 1:7
2. Nama kamiyyuu ni ibsa 1:9
3. Kan isatti amanu hunduu jireenya bara baraa haa qabaatuuf ta'a, 3:15

4. Isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti 3:16

5. Hundumtuu Ilmaaf ulfina haa kennuuf, 5:23

6-9. Yoh. 6:37, 39, 40, 45

D. Kan Anatti amanu hundinuu immoo bar baraan hin du'u, 11:26

DI. Ani yommuun lafa irraa ol kaafamu, nama hundumaa ofitti nan harkisa, 12:32

DII. Eenyullee kan anatti amanu dukkana keessatti akka hin hafnetti 12:46

Inni kun dhoksaa birmadummaati (cf. ww. 38-39; 17:2, 24 fi fedha bilisaa). Lamaanuu hamma ta'e dhugaadha. Anaaf ilaalchi ti'oolojii "kakuun" isaan gaariitti walitti ni fida!

▣ **"Isatti amanu"** Fayyinni sagada, ti'oolojii sirrii ykn jireenya safuun guutame otuu hin ta'in jalqaba walitti dhufeenya dhuunfaa akka ta'e yaadadhaa (cf. 3:16; 11:25-26). Xiyyeeffannichi jabina irratti otuu hin ta'in dhimma amantii nama tokkoo irratti. Mata Duree Addaa 2:23 irraa ilaalaa.

Walmadaaluu xiyyeeffannaa filannoo birmadummaa Waaqayyoo ww. 37 a, 39, 44, 65 fi deebii amantii dhala namaa w. 37B, 40 keessa gidduu jiru yaadadhaa. Dhiphinni Macaafa Qulqulluu suphamuu qaba. Birmadummaan Waaqayyoo fi fedhiin bilisaa dhala namaa rooga lakkuu Kakuu Macaafa Qulqulluu ni uumu.

▣ **"jireenya bara baraa akka qabaatu"** Inni kun PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE dha, deebiin ni barbaadama (cf. 1Yoh. 5:11). Dabalataanis w. 40 yommuu kan dhuunfaa ta'u w. 39 kan walii ta'uu isaa yaadadhaa. Inni kun fayyina yeroo dhaga'an dhugaa hin fakkaanne garuu immoo dhugaa ta'eedha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:41-51

⁴¹Warri Yihudootaa, waan Inni "Ani buddeena Isa Waaqa irraa gad bu'eedha ofiin jedheef, Isa irratti ni guunguman. ⁴²Isaan "kun Yesuus ilma Yoseef isa abbaa fi haadha isaa beeknu mitii? Amma attamitti 'Waaqarraa gad bu'e' jedha ree? Jedha. ⁴³Yesuus deebisee, "walii keessanitti hin guunguminaa! ⁴⁴Abbaan Inni Ana erge yoo Isa hirkisuudhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u, Isa gara koo dhufu immoo Ani guyyaa isa dhumaatti du'aa nan kaasa. ⁴⁵Macaafa raajotaa keessatti, "Hundumti isaanii warra Waaqayyoo isaan barsiise ni ta'u" jedhamee caafameera; Abbaa koo irraa kan dhaga'efi kan bara hundinuu immoo gara koo ni dhufa. ⁴⁶Kanaanis namni tokko illee Abbaa argeera jechuu koo miti, Isa Waaqayyoo biraa dhufe sana duwwaatu Abbaa arge malee. ⁴⁷Dhuguma dhuguman isinitti hima, namni amanu jireenya bara baraa qaba. ⁴⁸Ana buddeenni jireenyaa. ⁴⁹Abaabiliin keessan lafa onaatti nyaata 'Mannaa' jedhamu nyaatan, haa ta'u iyyuu malee ni du'an. ⁵⁰Buddeenni Waaqa irraa gadi bu'u garuu akkas miti, namni isa nyaatu hin du'u. ⁵¹Ani buddeenicha jiraataa Isa Waaqarraa gad bu'eedha; eenyu illee buddeena kanatti yoo nyaate bara baraan ni jiraata; buedenni Ani biyya lafaatiif jireenya fiduudhaaf kennus, foon kooti" isaaniin jedhe.

6:41 "warri Yihudootaa...ni guunguman" Inni kun IMPERFECT TENSE, isa isaan gungumuu jalqabuu isaanii ykn deddeebisanii gungumanii akka turan argisiisuudha. Cinayyaan yeroo hojii malee lafa onaa keessa asiif achi deemuu (cf. Ba'u fi Lak.) kan nama hawwatuudha. Isiraa'eloonni bara sanaatis Muusee, bakka bu'aa Waaqayyoo, isa dabalataanis nyaata isaaniif qopheesse hin fudhanne ture.

6:42 Inni kun warri Yihudoota jechoota yesuus waa'ee ofii Isaa dubbate hubachuu isaanii ni argisiisa. Inni dursee kan turee fi Waaqa ta'uu Isaa ifatti ibsuudhaaf ifumaan ifatti ciigoo warra Yihudootaa fayyadamaa jira. Jechoonni Yesuus kanneen muka sooftuu Galiilaatirraa dhufan ammayyuu kan nama naasisaniidha. Yesuus waa'ee ofii Isaa ibsoota kanneen akkasitti cicciimoo ta'an ni taasise. Inni itti aansee

1. Ilmi Waaqayyoo Inni foon uffate Inni sagalee Isaatiinii fi gochaawwan Isaatiin jireenya bara baraa fidu

2. Irkoo dursee karoofame tokko

3. Maraataa, (Josh, Mc Dowell, Evidence That Demands an Verdict irraa fudhatame)

Amanamummaan gaaffilee Yesuus yaadota kiristiyaanummaati.

6:43 "walii keessanitti hin guunguminaa" Inni kun PRESENT IMPERATIVE NEGATIVE PARTICIPLE wajjin jiru isa yeroo hunda hiika gochaa asiin dura adeemsa irra jiru dhaabuu ta'eedha.

6:44 “Abbaan Inni Ana erge yoo Isa hirkisuudhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u” Waaqayyo yeruma hundaa kaka'uumsa ni fudhata (cf. W65 fi 15:16). Murtoowwan hafuuraan hundinuu amanaa ta'uu dhala namaa otuu hin ta'in bu'aa hafuuraan harkifamuuti (cf. Isa. 53:6). birmadummaan Waaqayyoo fi itti gaafatamni deebii dhala namaa karaa addaan baafamuu hin dandeenyeen fedhaa fi araara Waaqayyootiin kan walitti hidhamaniidha. Inni kun ilaalcha kakuu Kakuu Moofaati.

Madaalliin “waaqayyo harkisuu kun” 12:32 iddoo Yesuus “nama hundumaa ofitti nan harkisa” jedhu keessatti ni argama. Ofitti harkisuun kun akkina sabni Waaqayyoo sagalee raajummaa Isaa Kakuu Moofaa deebisuu didaa turee ni garagalcha (Fak. Isa. 6:9-13; 29:13; Ermiyaas) Waaqayyo amma ni dubbata: karaa raajootaatiin Isiraa'elootaaf otuu hin ta'in, Ilma Isaatiin dhala namaa hundumaafuu (cf. Ibr. 1:1-3) Mata Duree Addaa Erguu (Apostellō) 5:24 irratt ilaali.

6:45 “Macaafa raajootaa keessatti...caafameera” Inni kun luqqisa Isa. 54:13 ykn Er. 31:34 isa keessa (garaa haaraa/yaada haaraa) kallatti “Kakuu Haaraa” ibsuudha.

▣ **“Abbaa koo irraa kan dhaga'eefi kan bara hundinuu immoo gara koo ni dhufa”** Waaqayyo beekuuf gaaffii dhi'eessuunii fi Yesuus fudhachuun dhiisuun waan hin danda'amneedha (cf. 1Yoh. 5:1-12).

6:46 “Kanaanis namni tokko illee Abbaa argeera jechuu koo miti” Mirkaneessuun Yesuus karuma Isaa qofaan namni tokko dhugumaan Waaqayyo akka hubatuu fi akka beekuudha (cf. Yoh. 1:18; 14:6,9). Kan biraa haa hafuutii Muuseenuu gonkumaa dhugumaan YHWH hin argine (cf. Yaadannoo 5:32 irraa ilaalaa).

6:47 Waraabbiin kun affeerraa fayyina tolaa dhala namaa hundaaf Yesuus affeere keessa ni deebi'a (“isa amanaa jiru” PRESENT ACTIVE PARTICIPLE “jireenya bara baraa” (cf. ww. 51, 58; 3:15, 16, 36; 5:24; 11:26; 20:31). Inni tokkichi mul'anni Waaqayyoo geessu Yesuus qofaadha (adda ta'uu wangeelaa, cf. 10:1-6, 7-9; 14:6), garuu immoo inni kun ijoollee Addaam hundumaafuu kan jiraatuudha, adda ta'uun wangeelaa 1:4,7,12; 3:16; Uma. 3:15; 12:3 galmaan ni ga'a).

6:50 Waraabbiin kun akkuma 31-35 hiikaa buddeena, buddeena ijaan mul'atu (manaa) fi buddeena Waaqarraa dhufu (Yesuus) irratti taphatamuudha. Inni tokko jireenya foonii kennee akka dandamatu ni godha, garuu immoo kan irra deebi'amuun isaaf ta'uu fi booddeerratti du'a hin dhaabneedha. Inni kan biroo jireenya bara baraa kennee ni jiraachisa, garuu immoo fudhatamee kunuunsiifamuu kan qabuu fi dhuma du'a hafuuraan irraa kan nama oolchu (sagada Waaqayyoo of gadi cabanii godhan, cubbuu fi ofii wajjin michooma cimaa qabaachuu dhiisuu).

6:51 “Ani buddeenicha jiraataa” Inni kun ibsoota beekamoo “Ani Isa” jedhu wangeela Yohaannis keessaa isa beekamaadha (cf. 6:36, 48, 51). Inni kun tooftaa jechumaaf jechaa Yesuus namummaa Isaa irratti xiyyeeffannaa godhuudha. Fayyinni akkuma mul'ataa, dhuma irratti nama tokkodha.

▣ **“bueedenni Ani biyya lafaatiif jireenya fiduudhaaf kennus, foon kooti” isaaniin jedhe”** Inni kun bakka buusa Isa Yesuus ofii Isaa, nyaata ta'ee dhihaatu otuu hin ta'in, wanta garmalee nu barbaachisu ta'uu isaa xiyyeeffannaa kennuudha. Gaalichi ifumaan ifatti duubatti deebi'ee 1:14 wajjin wal ni qabata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:52-59

⁵²Kana irratti Yihudoonni, “Namichi kun attamitti foon Isaa akka nyaannuuf kennuu danda'a?” jedhanii waliin morkatan. ⁵³Yesuus immoo, “dhugman dhuguman isiniin jedha, isin foon Ilma namaa yoo nyaachuudhaabaattan, dhiiga Isaas yoo dhuguudhaa baattan, jireenya ofi keessaa hin qabdan.

⁵⁴Eenyu illee foon koo kan nyaatu, dhiiga koos kan dhugu jireenya bara baraa qaba; Anis guyyaa isa dhumaatti du'aa isa nan kaasa. ⁵⁵Foon koo dhuguma nyaata, dhiigni koos dhuguma dhugaatiidha.

⁵⁶Foon koo kan nyaatu, dhiiga koos kan dhugu Ana keessa ni jiraata. Anis isa keessa nan jiraadha.

⁵⁷Abbaan Inni jiraataan akka Ana erge, Ani immoo sababii Abbaatiif akkuman jiraadhu, namni namni foon koo nyaatuimmoo sababii kootiif ni jira.ata. ⁵⁸Isa kana buddeenni, Inni Waaqa irraa gad bu'e; akka isa abaabiliin keessan nyaatanii, booddee immoo du'anii miti; buddeena kana kan nyaatu bara baraan ni jiraata.” jedhe ⁵⁹Yesuus Qifirnaahomiitti yeroo barsiise mana sagadaa keessatti kana hundumaa dubbate.

6:52

NASB “waliin morkani”
NKJV “wallolan”
NRSV “walitti bu'ani”
TEV “wal falmii aarii tokko”
NJB “wal morkii”

IMPERFECT TENSE jechuun jalqaba wanta tokkoo ykn itti fufeenya wanta yeroo darbe tokkoo jechuu. Inni kun jecha Giriikii cimaa wallooluudhaaf ta'udha (cf. HoE 7:26; 2Xim. 2:23-24; Tit. 39) akkasumas immoo 2Qor. 7:5 fi Yaq. 4:1-2 keessatti bakka buusaan faayidaarra oole.

▣ “**Namichi kun attamitti foon Isaa akka nyaannuuf kennuu danda'a?**” Wangeela Yohaannis keessatti Yesuus afaan bakka buusaa isa salphaadhummatti/haala idileetiin jechaaf jechatti hin hubatamne ni dubbata (1) Niqodimoos, 3:4, (2) dubartii Samaariyaa 4:11; (3) Namoota baay'ee warra Yihudootaa, 6:52; fi (4) Bartoota, 11:11.

6:53-57 VERBALS wal 53 fi 54 keessaan kan baay'ee namatti tolaniidha. VERBALS w. 5 fi 54 baay'ee kan namatti tolaniidha. w.53 keessatti “nyaachuu” fi “dhuguu”n AORIST ACTIVE SUBJUNCTIVES isa waa'ee gocha fedha humna ofiitiin hojjetamu dubbataniidha. VERBALS 54 keessaa “nyaatu” fi “dhugu”, PRESENT ACTIVE PARTICIPLES kanneen gochaawwan itti fufeenya qaban addeessaniidha (cf. ww. 56,57,58). Inni dhugaa isa namni tokko jalqabarratti Yesuusiif deebisuu fi deebisuuf itti fufuu kan raggaasisu wayii fakkaata (cf. w.44).

Dubbifni kun jechumaa fi jechatti naasuu warra Yihudootaa dhiiga dhuguu (cf. Lew. 17:10-14) kan argisiisu ta'uun isaa yaadatamuu qaba. Ibsa mannaa lafa onaa ifa ta'e kan Yesuus fudhachuuf (cf. w.58), akkasumas akka gaaleewwan Irbaata Gooftaa wajjin wal qabataniitti itti fayyadamuun gara fedhii ofii yomessa seena qabeessaarraa fi qajeelchuu fi dubbisa jechaaf jechaa adeemsa sirna kadhannaati.

6:54 “foon...dhiiga” Inni kun karaa guutummaa namaa bakka buusaan ibsuu warra yihudootaati, akka “garaa” (onnee).

6:55 “dhuguman nyaata. Dhuguma dhugaatii” Inni kun amala itti fayyadama Yohaannis jecha dhugaa/haqaati (Mata Duree Armaan gadii ilaalii). Yohaannis barreessitoota Kakuu Moofaa birootiin booddee booddee barreesse, dagaagina shakkisiisotaa danuu argaa tureera ture (hamma barbaaddameen caafaa Yohaannis cuuphaa irra xiyyeeffannaa kennuu, sirnoota amantiitiif hamma barbaadamuun ol xiyyeeffannaa kennuu, beekumsa namaatiratti hamma barbaadamuun ol xiyyeeffannaa kennuu Gnosticism).

MATA DUREE ADDAA: “DHUGAA” (YAADA” BARREEFFAMOOTA YOHAANNIS KEESSAA

Miira tokko keessatti Yohaannis seenaa dudduubaa Ibraayisxii fi seenaa dudduubaa Giriikii (atētheia) “dhugaa” akkuma logos (cf. 1:1-14) godhe walitti ni hidha. Ibraayisxiidhaan emeth (BDB 53) isa dhugaa ta'e, ykn amanamaa (yeroo baay'ee Septuagint pistevō wajjin keessatti gamtaa'uu) ni agarsiisa. Giriikiidhaan inni dhugaa plaatoo fi wanta dhugaa hin taane, kan Waaqaa fi kan lafaa gidduu wajjin gamtaa'ee ture. Inni kun wantoota lamooma Yohaannis wajjin wal ni simata. Waaqayyo ifumaan ifatti (sirni hiikkaa alētheia dhugaa ta'uu isaa kan hin dhokanne ifumaan ifatti kan ife/mul'ate himuudhaaf) ofii Isaa Ilma Isaa keessaan mul'iseera. Inni kun karaa danuudhaan ibsame.

1. Maqaa, alētheia, dhugaa
 - a. yesuus ulfina isa ayyaanana guuteedha (cf. 1:14,17 jechoota Kakuu Moofaa)
 - b. yesuus xiyyeeffannaa dhuga ba'uumsa Yohaannis cuuphaati (cf. 1:32-34; 18:37 raajii Kakuu Moofaa isa booddee)
 - c. Yesuus dhugicha ni dubbata (cf. 8:4, 44, 45, 46 mul'anni kan firomsuu fi kan namaati).
 - d. Yesuus koraa dhugaa fi jireenya (cf. 14:6)
 - e. Yesuus dhugaatti isaan ni qulleesse.
 - f. Yesuus (logos, 1:1-3) dhugaadha (cf. 17:17).
2. ADDEESSA, alēthēs, dhugaa, amanamaa

- a. dhuga ba'uumsa yesuus (cf. 5:31-32; 7:18; 8:13-14)
 - b. firdii Yesuus (cf. 8:16)
 - 3. ADDEESSA, alethinus, qabatamaa
 - a. Yesuus ibsaa dhugaati (cf. 1:9)
 - b. Yesuus buddeena dhugaati (cf. 6:32)
 - c. Yesuus muka wayinii dhugaati (cf. 15:1)
 - d. Yesuus dhuga ba'uumsa dhugaati (cf. 19:35)
 - 4. DEBAL GOCHIMA alethōs dhugumatti
 - a. Dhuga ba'uumsa dubartiin Samaariyaa Yesuus akka fayyisaa biyya lafaa ta'e dhugaa baate (cf. 4:42).
 - b. Yesuus nyaataa fi dhugaatii dhugaati, akkuma mannaa bara Muusee faalleessetti (cf. 6:55).
- Jechi dhugaa jedhuuf jechi isarraa argamellee dabalataan dhuga ba'uumsa Yesuus kan biroos ni ibsa, alēthēs
- a. dhuga ba'uumsi Yohaannis cuuphaa dhugaadha (cf. 10:41)
 - b. dhuga ba'uumsi Yohaannis (barreessicha wangeelichaa) dhugaadha (cf. 19:35; 21:24)
 - c. Yesuus akka raajii dhugaatti ilaalame (cf. 6:14; 7:40).
- “Maree gaarii dhugaa” Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessaatiif kan George E. Lad kitaaba a. Theology of the New Testament, ff. 263-269 ilaalaa

6:56 “ana keessa ni jiraata” Dhugaan walfakkaatu Yoh. 15:4-7; 1Yoh. 2:6, 27, 28; 3:6, 24 keessatti ibsameera. Mata duree Addaa: Yohaannis 2:10 irra turuu ilaalaa. Inni kun xiyyeeffannaa kennuu itti fufeenya Kakuu Haaraa itti fufeenyaan hojjechuu qulqullootaati (cf. Gal. 6:9; Mul. 2:7, 11, 17, 26; 3:5, 12, 21, Mata duree Addaa 8:31 irratti ilaalaa). Debii dhugaan deebii itti fufeenya qabuun fudhatama akka argatu ni taasifame. Xiyyeeffannaan itti fufeenyaan hojjechuu quqlulloota irraa kun wanta guddaa hojii Wangeelaa ameerikaa keessatti gatamaa jiruudha. Namn tokko amantii qofaan jalqabuu hin qabu, amantiidhaan xumuruu malee (Ibroota 11). Jonathan Edwards “sure proof of election is that one hold out to the end” jedhe Hiikni isaas “Ragaan filannoo inni mirkanaa'ee isa tokko hamma dhumaatti qabatuudha. W.T. Conner “The Salvation of the man elected to slvation is from etenity to eternity certain in the mind and purposes of God, yet iti is conditioned up on faith, and faith that preservers and conquers”. Hiikni isaas Fayinni nama otkko fayyinaaf filatamee hamma tokko sammuu keessatti fi karoora Waaqayyoo keessatti baraa hamma baraati; ta'ullee inni amantii fi amantii isa itti fufeenyaan hojjetuu fi to'annaa jala oolchu irratti kan murtaa'eedha” jechuudha.

6:57 “Abbaan Inni jiraataan” Gaaleen kun adda kan ta'edha. Yaadni isaa garuu yeruma hundaa Macaafa Quqlulluu keessatti faayidaa irra ni oola. Burqaa aangoo Waaqayyoo kanaa hiikuuf karaawwan adda addaa danuutu jira.

1. Maqaa bu'uraa Waaqa kakuu (cf. Ba'u. 3:1, 14-16; 6:2-3 Mata Duree Addaa 6:20 irraa ilaali)
2. Kakuuwwan Waaqayyoon taasifaman “akkuman ani jiraadhu” ykn maqaa Waaqayyootiin, “Akkuma Gooftaan jiraatu” (cf. Lak. 14:21, 28; Isa. 49:18; Er. 4:2).
3. Akka ajaja Waaqayyooti (cf. Far. 42:2; 84:2; Iya. 3:10; Er. 10:10; Dan. 6:20, 26; Hos. 1:10; Mat. 16:16; 26:63; HoE 14:15; Rom. 9:26; 2Qor. 3:3; 6:16; 1Tas. 1:9; 1Xim. 3:15; 4:19; Ibr. 3:12; 9:14; 10:21; 12:22; Mul. 7:2).
4. Ibsa Yoha. 5:26 keessaa inni Abbaan ofii Isaa keessatti jireenya qabaatuu fi Ilma Isaatiif isa kennuu isaatiifi 5:21 iddoo Abbaan akkuma Ilmi godhu warra du'an du'aa kaasu.

6:58 Inni kun wal bira qabamuu Muusee fi Yesuus Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraati (Kitaaba Ibrootaa keessattuu boqonnaawwan 3, 4 ilaalaa).

▣ **“baabiliin keessan nyaatanii, booddee immoo du'anii”** Inni kunis tarii gochaa ti'oolojii fayyinni gama sanyitiin daddarbaa dhufuu diduu tajaajiluu ni mala (cf. 8:33-39) ykn gama seera Muuseetiin (gorah)

▣ **“bara baraan”** Mata Duree Armaan gadii ilaali.

MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN (*OLAM*)

Sirrii hiikkaa jecha 'olam, (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTE, waraabbii 3, f. 345). Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeeniyota filataman qofaadha.

1. Wantoota durii
 - a. Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
 - b. Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
 - c. Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
 - d. Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
 - e. Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
2. Yeroo fuulduraa (egerii)
 - a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
 - b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
 - c. Jireenya itti fufeenya qabu,
 - 1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
 - 2) Waaqota, Far. 148:6
 - d. Jiraachuu Waaqayyoo
 - 1) Uma. 21:33
 - 2) Ba'u. 15:18
 - 3) Kes. 32:40
 - 4) Far. 93:2
 - 5) Isa. 40:28
 - 6) Er. 10:10
 - 7) Dan. 12:7
 - e. Kakuu
 - 1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
 - 2) Ba'u. 31:16
 - 3) Lew. 24:8
 - 4) Lak. 18:19
 - 5) 2Sam. 23:5
 - 6) Far. 105:10
 - 7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
 - 8) Er. 32:40; 50:5
 - f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
 - 1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
 - 2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5
 - 3) 2Sen. 13:5
 - 4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
 - 5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3
 - g. Masihii Waaqayyoo
 - 1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
 - 2) Isa. 9:6
 - h. Seera Waaqayyoo,
 - 1) Ba'u. 29:28; 30:21
 - 2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
 - 3) Lak. 18:8, 11, 19
 - 4) Far. 119:89, 160
 - 5) Isa. 59:21
 - i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
 - 1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
 - 2) 1Mot. 9:5

- 3) Far. 18:50
- 4) Isa. 40:8
- j. qajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
 - 1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
 - 2) Ba'u. 32:13
 - 3) 1Sen. 16:17
- k. ayyaanota kakuu
 - 1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24
 - 2) Lew. 23:14, 21, 41
 - 3) Lak. 10:8
- l. Bara baraaf turuu bara baraa
 - 1) 1Mot. 8:p 13
 - 2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
 - 3) Isa. 26:4; 45:17
 - 4) Dan. 9:24
- m. Wanta Faarfannooni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
 - 1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
 - 2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
 - 3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
 - 4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
 - 5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
 - 6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
 - 7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
 - 8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2
3. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu (“bara hamma baraatti”)
 - a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
 - b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
 - c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa. Kakuuwwanii fi abdiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7). Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayyadama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa. Kakuu Haaraan abdiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

6:59 Yesuus amantii Yihudii bara Isaa shaakaleera. Inni mana baruumsaa mana sagadaa keessatti ni barate, Inni mana sagadaa keessatti ni waaqesse, akkasumas immoo Inni mana sagadaa keessatti ni barsiise. Inni abdiwwan seerichaa hundumaa galmaan ni ga'e.

Manneen sagadaa bu'urumaanuu yeroo boojuu warra Baabiloonotaatti jalqabe tue (A. D 605-538). Warri Yihudootaa iddoowwan Waaqeffannaa adda ta'anii fi barsiisaa iddoowwan Yihudoonni namoonni kudhan turan hundumatti jalqabanii turani. Kunniin aadaa fi duudhaa warra Yihudootaatiif cimee hojii itti fuftota ni ta'an. Yommuu Yihudoonni gara Yihudaa fi tajaajila Mana Qulqullummaatti deebi'anii turani isaan wiirtuuwwan naannoo kanniin hambisanii turani.

Yommuu Yesuus gara mana sagadaa Qifirnaahomitti galee ture boqonnaa 6 keessatti nutti hin himamne (cf. w. 24).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:60-65

⁶⁰Bartoota Isaa keessaa baay'een kana dhaga'anii “kunoo, jecha jabaadha, eenyutu Isa dhaggeeffachuu danda'a? “ jedhan. ⁶¹Yesuus immoo bartoonni Isaa kana irratti gungumuu isaanii beekke, “kun isin ni gaafachiisaa? ⁶²Ilmi Namaa kun gara iddoo dur turetti utuu ol ba'uu yoo argitanoo, attam ree? ⁶³Hafuurri ni jiraachisa, foon homaa dhimma hin baasu; dubbiin Ani isinitti dubbadhe kun hafuura, jireenyas, ⁶⁴Garuu, isin keessa kan hin amanne jiru” jedhe. Yesuus jalqabee eenyufaa akka hin amanne, eenyus akka dabarsee isa kennuuf jiru beekera'o. ⁶⁵Yesuus “kanaafan “Abbaa bira ayoo kennamuufii dhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u jedhee isinitti dubbadhe” jedhe.

6:60 “bartoota Isaa keessaa baay’een” Itti faydamni jecha “bartootaa” hiika bal’aa tokko ni qaba. Yohaannis keessatti jechi kunii fi “amanuun” (1) duuka buutota dhugaatiif (w. 68) fi (2) duukabuutota yeroo (w. 64, cf. 8:31-47) lamaanuufuu faayidaarra oole.

▣ **“dhaga’anii...dhageeffachuu”** Jecha “dhaga’uu” (akouō) jedhu irratti taphni tokko ni jira. Isaan dubbiiwwan Yesuus dhaga’aniiru, garuu immoo isaan hin hubanne akkasumas immoo akka isaaniitti hin jiraanne ture. Miira kana keessatti jechi Giriikii kun akkuma jecha Ibraayisxii shema (cf. Kes. 4:1; 5:1; 6:3,4; 27:9-10) ni hojjeta.

6:62 Inni kun FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE guduunfaa wayiituu hin qabne guutuu hin taaneedha. Yaadni isa aisaan isa ni arguuyyu jechuudha (cf. HoE 1). Du’a/du’aa ka’uumsa ol ba’uu Yesuusii fi dhufaati hafuura booddee, barsiisonnii fi gochaawwan Yesuus irra jireenyi isanii isaaniif hiika kennuu ni danda’a.

▣ **“gara iddoo dur turetti utuu ol ba’uu”** Inni kun Yesuus akka “Waaqarraa gad dhufuu “Isa itti fufeenyaan xiyyeeffannaa kennuudha. Inni waa’ee dursee Abbaa wajjiin Waaqarra jiraachuu Isaa fi walitti dhufeenya cimaa Inni Abbaa wajjiin Waaqa irratti qabu ni dubbata (cf. 17:5, 24).

MATA DUREE ADDAA: OL BA’UU

Jechoonni Giriikii kanneen Waaqatti deebi’ee ba’uu Yesuus ibsuudhaaf faayidaarra oolan danuutu jira.

HoE 1:2, 11, 22; analambanō, ol fudhachuu (cf. 1Xim. 3:16), isa dabalataanis septuagint 2Mot. 2:9. 11 hiika eliyaasiif gara Waaqaatii fi dabalataanis 1Macc. 2:58 keessattis faayidaarra ooleera.

1. HoE. 1:9, epairō, ol fuudhuu, ol ka’uu, ol butamuu
2. Luq. 9:51, analēpsis (akaakuu #1)
3. diistēmi, adda ba’anii deemuu
4. Yoh. 6:62, anabainō, ol ba’uu

Gochii kun wangeela Maatewoos ykn Wangeela Maarqoos keessatti hin galmoofne. Wangeelli Maarqoos 16:8 irratti xumura, garuu immoo barreessitoota sadan booddee dabalataa keessaa inni tokko gochicha 16:19 keessatti ni ibsa (i.e ann/ambanō).

6:63 Waraabbiin kun sababa dubbisa boqonnaa 6 isa guddichaatiif, tarii Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa gidduu walfaalleessuu jiruu, Muusee fi Yesuus gidduu isa jiru walitti araarsuu ni mala (cf. w. 58; 2Qor. 3:6, wal bira qabamuu Kakuuwwan lamanaii kitaaba Ibrootaa keessaa ilaali.

▣ **“hafuurri ni jiraachisa”** Inni kun gaaleewwan danuu kanneen lamaanii fuu Yesuusii fi Hafuuraaf fayyadan keessaa isa tokko.

1. Hafuurichi bishaan jireenya kennuudha (7:38-39).
2. Yesuus bishaan jiraataadha (4:10-14)
3. Hafuurri Qulqulluun Hafuura dhugaati (14:17; 15:26; 16:13).
4. Yesuus dhugaadha (14:6)
5. Hafuurichi kan dubbatuudha (14:16, 26; 15:26; 16:7).
6. akkasumas immoo Yesuus kan dubbatuudha (1Yoh. 2:1)

Mata duree Addaa 14:16 irraa ilaali.

Waraabii kana keessatti isa “Hafuurri” (pneuma)n miroota adda ta’aniif faayidaarra ooluu isaa yaadannoo qabadhaa.

1. Hafuura Qulqulluu (cf. 1:32, 33; 3:34; 7:39; 14:17; 15:26; 16:13).
2. Kan hafuura (cf. 4:24; 11:33; 13:21)

Yoh. 3:5, 6, 8 keessatti hiika kam akka ta’e beekuuf namatti ulfaata. Yohannis ta’uu, lamaanuus ta’uu danda’a

MATA DUREE ADDAA: HAFUURA (PNEUMAI KAKUU HAARAA KEESSATTI)

Jechii Giriikii “Hafuuraaf” kenname karaa danuudhaan Kakuu Haaraa keessatti faayidaa irra ooleera. Addaan qoodamsi fi fakkeenyonni bakka bu'an tokko tokko kunooti.

A. Kan Waaqa dhugaa

1. Kan Abbaa (cf. Yoh. 4:24)
2. Kan Ilmaa (cf. Rom. 8:9-10; 2Qor. 3:17; Gal. 4:6; 1Phex. 1:11)
3. Kan Hafuura Qulqulluu (cf. Mar. 1:11; Mat. 3:16; 10:20; Yoh. 3:5, 6, 8; 7:39; 14:17; HoE 2:4; 5:9; 8:29, 35; Rom. 1:4; 8:11, 16; 1Qor. 2:4, 10, 11, 13, 14; 12:7)

B. Kan humna jireenya namaatirratti

1. Kan Yesuus (cf. Mar. 8:12; Yoh. 11:33, 38; 13:21)
2. Kan dhala namaa (cf. Mat. 22:43; HoE 7:59; 17:16; 20:22; Rom. 1:9; 8:16; 1Qor. 2:11; 5:3-5; 7:34; 15:45; 16:18; 2Qor. 2:13; 7:13; Fil. 4:23; Qol. 2:5)

C. kan bulchiinsa hafuuraa

1. Lubbuu qabeeyyii hafuuraa
 - a. Gaarii (I.e ergamoota, cf. HoE 23:8-9; Ibr. 1:14)
 - b. Hamaa (I.e daabiloos, cf. Mat. 8:16; 10:11; 12:43, 45; HoE 5:16; 8:7; 16:16; 19:12-21; Ef. 6:120)
 - c. ekeraa (cf. Luq. 24:37)
2. beekumsa hafuuraa (cf. Mat. 5:3; 26:41; Yoh. 3:6; 4:23; HoE 18:25; 19:21; Rom 2:29; 7:6; 8:4, 10; 12:11; 1Qor. 14:37).
3. Wantoota hafuuraa (cf. Yoh. 6:36; Rom. 2:29; 8:2, 5, 9, 15; 15:27; 1Qro. 9:11; 14:12)
4. kennaawwan hafuuraa (cf. 1Qor. 12:1; 14:1)
5. dadammaqiinsa Hafuurichaa (vf. Mat. 22:43; Luq. 2:27; Efe. 1:17)
6. dhagna hafuura a(cf. 1Qor. 15:44-45)

D. amaloota

1. ilaalcha biyya lafaa (cf. Rom. 8:15; 11:8; 1Qor. 2:12)
2. Adeemsa yaaduu namootaa (cf. HoE 6:10; Rom. 8:6; 1Qor. 4:2)

E. kan bulchiinsa ijaan mul'atu

1. qilleensa (cf. Mat. 7:25, 27; Yoh. 3:8; HoE. 2:2)
2. hafuura (barfannaa) (cf. HoE 17:25; 2Tas. 2:8)

Jechi kun ibsaa dubbisa battalaa isaatii hiikamuu kan qabu ta'uun isaa waan ifa ta'eedha. Hiikkaawwan haguuggaman kanneen (1) biyya lafaa mul'atu; (2) biyya lafaa hin mul'anne; (3) akkasumas namoota biyya lafaa kanaan kanneen ijaan mul'atan ykn bulchiinsa hafuuraa eeruu danda'an danuutu jira.

Hafuurri Qulqulluun qaama Waaqa dhugaa isa sadarkaa seenaa kanaa keessatti hunda caalaatti kan hojjetu ta'e keessaa isa tokkoodha. Barri hafuuraa inni haaraan dhufeera. Inni sun hundinuu tola hafuura, sirrii, fi dhugaa Isaa wajjin wal qabateedha. Argamuun, kennaawwaniif ergamsi Isaa babal'achuu wangeelichaatii fi milkaa'ina Mootummaa Waaqayyootiif baay'ee kan barbaachisaniidha (cf. Yoh. 14 fi 16). Inni ofii Isaatiif xiyyeeffannaa hin kennine, garuu immoo Kiristoosiif (cf. Yoh. 16:13-14). Inni amantoota hunda ni yakka, ni amansiisa, deeggarsa ni kenna ni cuupha, akkasumas immoo beekumsaan ni qaroomsa (cf. Yoh. 16:8-11).

6:64 Gartuu adda ba'e kanaa garuu immoo hordoftoonni sobaa, gara hordoftoota sobaa Yihudaatti ni hir'atan (cf. ww. 70-71; 13:11). Dhugumatti dhoksaan sadarkaawwan amantii keessatti hammatame ni jira.

MATA DUREE ADDAA: KAN HINAMANNE (APHISTĒMI)

Jechi Giriikii ahistēmin kun akaakuuwwan xiin hiikaa bal'aa ni qaba. Haa ta'u malee, jechi Afaan Oromoo “hin amanne” jechuma kanarraa argamee dubbistoota hammayyaatiif itti fayyadama ilaalcha gadhee akka qabaatu ni taasisa. Dubbifnu wlaigalaa, akkuma yeroo hundaa, hiikkaa battalaa otuu hin ta'in furtoodha.

Inni kun firoomsee apo isa hiikni isaa “irraa” ykn “irraa fagaatee” fi hestēmi, “taa'uu” “dhaabachuu” ykn “qabsiisuu” jedhan walitti makameedha. Itti fayyadamoota (kan ti'oolojii hin taane) kanneen armaan gadii

qalbeeffadhaa:

1. qaamumaan balleessuu
 - a. mana qulqullummaati, Luq. 2:37
 - b. Mana tokkorraa Mar. 13:34
 - c. Nama tokkorraa, Mar. 12:12; 14:50; HoE 5:38
 - d. Wantoota hundumarraa, Mat. 19:27,29
2. karaa siyaasaatiin balleessuu, HoE 5:37
3. sababa qabatamaadhaan balleessuu, HoE. 5:38; 15:38; 19:9; 22:29
4. seerumaan (hiikuun) balleessuu, Kes. 24:1,3 (LXX) fi Kakuu Haaraa, Mat. 5:31; 19:7; Mar. 10:4; 1Qor. 7:11
5. idaa balleessuuf, Mat. 18;24
6. dhiisuudhaan itti gaafatamummaa dhabuu argisiisuuf, Mat. 4:20; 22:27; yoh. 4:28; 16:32
7. gadhiisuu dhiisuudhaan itti gaafatama argisiisuuf, Yoh. 8:29; 14:18
8. eeyyamuuf ykn fedha argisiisuuf, Mat. 13:30; 19:14; Mar. 14:6; Luq. 13:8

Miira ti'oolojiitiin GOCHIMICHIS dabalataan itti fayyadama bal'aa tokko ni qaba.

1. Haquuf, dhiisuuf, yakka cubbuu dhiisuuf, Ba'u. 32:32 (LXX); Lak. 14:19; Iyo. 42:10 fi kakuu Haaraa Mat. 6:12, 14-15; Mar. 11:25-26
2. cubbuurraa deebi'uu 2Xim. 2:19
3. irraa fagaachuu dhiisuudhaan/ash godhu
 - a. seericha, Mat. 23:23; HoE 21:21
 - b. amanticha His. 20:8 (LXX); Luq. 8:13 2Tas. 2:3; 1Xim. 4:1; Ibr. 2:13

Amantoonni hammayyaa gaaffiiwwan ti'oolajii kanneen barreessitoonni Kakuu Haaraa waa'ee isaanii gonkumaa hin yaadin turan danuu isaanii ni gaafatu. Kanniin keessaa inni tokko ilaalcha hammayyaa amantii amanamummaa irraa adda baasuu wajjin walitti ni firooma ture.

Macaafa Quqlulluu keessatti namoonni kanneen namoota Waaqayyoonii fi wanta ta'e tokko keessatti hammataman ni jiru.

- I. Kakuu Moofaa
 - A. Kanneen warra basaastota kudha lamaan (kurnanii) dhaga'an, lakkoobsa 14 (cf. Ibr. 3:16-19)
 - B. Korah, Lakkoofsa 16
 - C. Ijoollee Eelii, 1Saamu'eel 2, 4
 - D. Saa'ol 1Sam. 11:31
 - E. Raajota sobaa (fakkeenyoota)
 1. Kes. 13:1-5, 18:19-22 (karaawwan itti raajii sobaa tokko beekan)
 2. Ermiyaas 28
 3. Hisqi'eel 13:1-7
 - F. Raajoota (dubartoota) sobaa
 1. Hisqi'eel 13:17
 2. Nahimiyaa 6:14
 - G. Dursitoota hamoota Isiraa'el (fakkeenyoota)
 1. Ermiyaas 5:30-31; 8:1-2; 23:1-4
 2. Hisqi'eel 22:23-31
 3. Mikiyaas 3:5-12

II. Kakuu Haaraa

- A. Jechi Giriikii kun jechumaaf jechatti apostasizedha. Lamaanuu Kakuu Moofaanii fi Kakuu Haaraan itti abaasuu barsiisa hammeenya fi sobaa dhufaatii lammaffaa duraa ni mirkaneessu (cf. Mat. 24:24; mar. 13:22; HoE 20:29, 30; 2Tas. 2:9-12, 2Xim. 4:4). Jechi Giriikii kun tarii jechoota Yesuus fakkeenya Biyyoo Maatewos 13, maarqoos 13 fi Luqaas 8 keessatti argaman calaqqisiisuu ni mala. Barsiisonni sobaa kunniin ifumatti kiristiyaanoota miti, garuu immoo isaan isuma keessaa ba'an (cf. HoE 20:29-30; 1Yoh. 2:19); haa ta'u malee, isaan amantoota akka waan gadhee hojjetanii fi hin guddanne gochuu danda'aniiru (cf. Ibr. 3:12).

Gaaffiin ti'oolojii barsiisonni sobaa yomiyyuu taanaan kiristiyaanotaa? Kan jedhuudha. Sababa waldootii amantootaa naannoo keessa barsiisonni sobaa jiraniif inni kun deebisuuf ni ulfaata (cf. 1Yoh. 2:18-19). yeroo baay'ee barmaatilleewwan keenya kan ti'oolojii fi kan gartuu amantii ta'antu gaaffii kana dubbisa Macaafa Qulqulluu (tooftaa waraabii dubbisaa gama tokkoo looguu nama tokkootiif ragaa ni ta'a jedhanii luqqisan irraa kan hafe) otuu hin eeriin deebisa.

B. Amantii ifa ta'ee;

1. Yihudaa, Yoha. 17:12
2. Simoon magnuu, HoE 8
3. Kanneen Mat. 7:13-23 keessatti waa'ee isaanii dubbatame
4. Kanneen Mat. 13, Mar. 4; Luq. 8 keessatti waa'een isaanii dubbatame
5. Yihudoota Yoh. 8:31-59
6. Himnewosii fi Iskindir 1Xim. 1:19-20
7. Kanneen 1Xim. 6:21
8. Himnewosii fi Pilaaxos, 2Xim. 2:16-18
9. Demaas, 2Xim. 4:10
10. barsiisota sobaa, 2Phex. 2:19-22; Yihudaa ww. 12-19
11. farra Kiristoosotaa, 1Yoh. 2:18-19

C. Amantii ija hin qabne

1. 1Qor. 3:10-15
2. 2Phex. 1:8-11

Nuyi darbee darbeeti kan waa'ee kitaabota kanaa yaadnu, sababni isaas ti'oolojiin tooftaa keenya (calvinism, Arminianism, kkf) deebiiwwan itti gaafatama qaban aarsaa godhaniifi. Maaloo sababan mata duree kana kaaseef dursitanii natti hinmurteessinaa. Itti gaafatamni koo adeemsa qindaa'ina sirrii ta'eedha.

6:65 Inni kun akkuma w. 44 dhugaa walfakkaatu ni ibsa dhalli namaa kufe akka kaka'uumsa isaatitti Waaqayyoon hin barbaadu (cf. Rom. 3:9-18, walitti fufeenya luqqisoota Kakuu Moofaa kanneen cubbamummaa fi fincila dhala namaa addeessaniif).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 6:66-71

⁶⁶Yeroo sana jalqabanii bartoota Isaa keessaa baay'een gara booddee deebi'an; ergasiis Isaa wajjin hin adeemne. ⁶⁷Yesuus yommus warra kudha lamaanii, "isiniis immoo adeemuu ni barbaaddu iyyuu?" jedhee gaafata. ⁶⁸Simoon Pheexroos deebisee, "Si dhiifnee eeny bira dhaqana ree? Gooftaa, dubbii waa'ee jireenya bara baraa nama barsiisu situ qaba'o. ⁶⁹Nuyi isa tokkicha qulqulluu Waaqayyoo akka Ati taate amanneerra beekneerras" jedha. ⁷⁰Yesuus immoo "Ani kudha lamaan keessaa foo'adheera mitii? Isin keessaa tokko garuu, seexana" isaaniin jedhe. ⁷¹Kanas waa'ee Yihudaa ilma Simoon, nama biyya Keriyoot sanaaf dubbate; innoo warruma kudha lamaan keessa tokkodu, dabarsee Isa kennuudhaaf jira ture.

6:67 "warra kudha lamaan" Inni kun Yohaannis keessatti jecha jalqabaa ergamootaaf waliigaltaan fayyadeedha (cf. 6:70, 71; 2:24) Mata Duree Addaa 6:13 irraa ilaali.

6:68 "Simoon Pheexroos deebisee" Pheexiroos namoota kudha lamaaniiif dubbi himaadha (cf. Mat. 16:16). Inni kun isaan akka isa dura bu'aa isaanitti argisiisuuf miti kan hojiirra oole (cf. Mar. 9:34; Luq. 9:46; 22:24).

☐ **"dubbii waa'ee jireenya bara baraa nama barsiisu situ qaba'o"** Kiristiyaanummaan lamaanuu (1) dhugaa ergaa keessatti qabatame, "dubbii jireenya bara baraa" fi (2) dhugaa nama tokko Yesuus keessatti ibsamedha. Wangeelichi, maarree lamaanuu ergaa fi nama tokkoodha. Jechi Pistis (1) ergaa tokko (cf. Yihudaa 3, 201 fi (2) nama tokko (cf. Yoh. 1:12; 3;15-16) lamaanuutti firoomuu ni danda'a. Mata Duree Addaa 2:23 irratti ilaali.

6:69 "amanneerra beekneerras" Kunniin lamaanuu PERFECT ACITIVE INDICATIVES dha. Fayyinni ww. 40, 53, 54, 56 fi 57 PRESENT TENSE, adeemsa itti fufeenya qabuudha. Fayyinni kun PERFECT TENSE

isa kan darbe tokkoo, gochaan xumurame tokko ibsa isa jiraachaa jiruu kan tasgabbaa'e ta'ee jechuudha. Fayyinni dhugaan VERB TENSES Giriikii hundumaa ofitti ni hammata. Mata Duree Addaa: Gochima Tenses Giriikii fayyinaaf fayyadan 9:7 irraa ilaalaa.



**NASB, NRSV “isa tokkicha qulqulluu Waaqayyoodha
NJB**

NKJV “Ati Kiristoos, Ilma Waaqayyo jiraataati”

TEV “Ati Isa tokkicha Qulqulluu Waaqayyoo biraa dhufe”

Qabxii kana irratti rakkinni barreeffamaa tokko ni jira. Kitaabni gabaabaan (NASB, NRSV, NJB) barreeffamoota Giriikii duriitiin p75, xxx, B, C*, D. L fi Wdhaan ni deeggarama. Barreessitoonni booddee ifumatti jechoota dabalataa qalbiid iddiirranmaa Maartaa 11:27 irraa ykn kan Pheexiroos 16:16 irraa itti makanii turani. UBS4n kitaaba gabaabaadhaaf sadarkaa “A” (kan mirkanaa'e) ni kennaafi.

Gaaleen “isa tokkicha qulqulluu Waaqayyoodha” aangoo Masihummaa Kakuu Moofaati. Inni kun Luq. 1:35 fi HoE 3:14 keessattiif ibsamee ture. Inni aangoo isa seexanni Mar. 1:23; Luq. 4:34 keessatti waa'ee Yesuus himeedha. Mata Duree Addaa: 1Yoh. 2:20 irratti ilaalaa. Inni kun qalbiid diddiirranmaa kan biraa kudha lamaaniin, Maatewos 16 wajjin tokkuma.

6:70 “Ani kudha lamaan keessaa foo'adheera mitii? Isin keessaa otkko garuu, seexana” Inni kun filannoo Waaqummaa bartootaa kan biraa ni addeessa (cf. ww. 44 fi 65). Gaaffii Yesuus w. 44 fi 64). Gaaffii Yesuus w. 67 yaadadhaa. Filannoo Waaqummaa fi filannoo namni fedhii ofii isaatiin filu dhiphina Macaafa Qulqulluu keessatti hafuu qaba. Isaan firooma kakuu Maddiiwwanlamaati.

▣ **“isin keessaa tokko garuu, seexana”** Ibsa akkam dammaqsuu? Inni waa'ee bartoota handaara deeman warra duubbatti deebi'an keessaa tokko hin eeru (cf. w. 66), garuu immoo jarreen kudha lamana kanneen isatti amanuuf filataman keessaa tokko eeruuf mlaee. Namoonni baay'een isa kana 13:2 ykn 27 wajjin walitti hidhanii turani. Hubannaa keenya waraabii kanaatiin kan walitti dhufan gaaffilee danuun ni jiru: (1) Yesuus maaliif ture kan seexana filate? Fi (2) dubbisa kana keessatti jechichi hiikni isaa maaliidha kan jedhu?

Gaaffiin kun raagamuu raajii wajjin kan deemu ta'uu qaba (cf. 17;12; Far. 41:9). Yesuus wanta Yihudaan gochuuf ture ni beeke. Yihudaan fakkeenya cubbuu dhiifamuu hin arganneeti. Inni dhaga'uu, arguu fi Isaa wajjin waggoota danuudhaaf erga tureen booda yesuus ni gane.

Gaaffiin inni lammataa hiikkaawwan ta'uu danda'an lama ni qaba.

1. tokko tokko isa kana seexana (KEEYYATA malee seexanaaf HoE 13:10 fi Mul. 20:2 keessatti fayyade) Yihudaatti gale walitti ni foroomsu (cf. 13:2, 27)
2. jechichi walumaa galatti kan faayidaarra oolaa jiru ta'uu danda'a (akkuma 1Xim. 3:11; 2Xim. 3:3; fi Tit. 2:3 keessaa KEEYYATA hin qabu)

Miira Kakuu Moofaa keessatti Yihudaan himataa ture, akkuma seexanni ture. (Mata Duree Addaa 12:31 irraa ilalai). Jechi Giriikii maqaa namaa isa balleessu ykn kan hofonfolu ni ibsa. Jechi Giriikii jechoota walitti mkaman “qaxxaamura darbuu” dha.

6:71 “Simoon, nama biyya Keriyoot” Jecha kana iaalchisee ti'ooriiwwan danuutu jira. (jechichi barreeffamoota Giikii adda addaa keessatti karaa adda ta'een qubeeffame ture). Inni

1. nama Keriyoota, mandara Yihudaa tokko
2. nama Kaartaan, mandara Galiilaa
3. korojoo gogaa horii qabachuuf fayyadu,
4. jecha Ibraayisxii “cunqursuu” dhaaf
5. jecha Giriikii albee ajjeesuutiif eeruu ni danda'aayyu,

Otuu #1 dhugaa ta'ee Inni silaa kudha lamaan keessatti nama michuu ganu isa tokkicha ture. Otuu #5 dhugaa ta'ee silaa akkuma Simoon nama amantii isaatiif inaaffaa olaanaa qabu ture.

Kitaabni yeroo dhi'oo kana Yihudaa akka ibsaa gaariitti hiikee barreeffame ni jira. Kitaabichi mata duree Judas, Betrayer or Friend of Jesus? Jedhu yoo qabaatu barreessaan isaa william Klasseniin, Fortress Press, 1996 dha rakkinni ani isa irratti qabu inni yaadota Wangeela Yohaannis sirrumatit fudhachuu dhiisuu isaati.

▣ **“dabarsee isa kennu”** Jechi Giriikii kun bal'inumaan kan hiikamee fi yaadota irra jireenya keessatti kan hin

loogneedha. Haa ta’u malee, Yihudaa dabarsee warra aangoo qabeessatti kenne wajjin wal qabatee, hiika farroo ofirratti ni uffata. Yaadannoo 18:1 irratti ilaali.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yohaannis 6 maree waa’ee Irbaata Gooftaati? Maaliif ta’e, ykn maaliif hin taane?
2. Yesuus yommuu “Ani buddeena jireenya kennu” jedhu maal jechuu barbaadee ture?
3. Maaliif ture Yesuus ummata kanaaf ibsa cimaa akkanaa kana gochuu kan barbaadeef?

YOHAANNIS 7

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Obboleeyyan Yesuus warra isatti hin amanne	Obboleeyyan Yesuus amanuu dhabuusaanii	Yesuus Bishaan jireenyaa ta'uu isaa	Yesuusii fi Obboloota isaa	Yesuus Ayyaana Faasikaa fi achitti bariisuuf gara Iyyerusaalemitti ol-ba'uu isaa
7:1-9	7:1-9	7:1-9	7:1-9	7:1
Yesuus kabaja Ayyaana Gordomaa irratti	Aboo beekumsa waaqummaasaa		Yesuus kabaja mana keessatti ta'e irratti	7:2-9
7:10-13	7:10-24	7:10-13	7:10-11 7:12-13	7:10-13
		7:14-18 7:19-24	7:14-15 7:16-19 7:20 7:21-24	7:14-24
Kun Kiristoosii?	Kun Kiristoos ta'uu danda'aa?		Inni Masihichaa?	Namootni dhuftee Yesuus irratti waliin dubbachuu isaanii
7:25-31	7:25-31	7:25-31	7:25-27 7:28-29 7:30-31	7:25-27 7:28-29 7:30
Warri Aboo qaban (offieers) Yesuus qabsiisuuf ergamuusaanii	Yesuusii fi geggeessitoota amantii		Nahoonni Yesuusii qabuuf ergamuu isaanii	Yesuus waa'ee dhiyaatina holee isaa dubbachuu isaa
7:32-36	7:32-36	7:32-36	7:32-34 7:35-36	7:31-34 7:35-36
Loga bishaan Jireenyaa	Afuura qulqulluu Abdachiifama		Burqaa bishaan jireenya namaaf kenne	Bishaan jireenya Abdachiifame
7:37-39	7:37-39	7:37-39	7:37-39	7:37-38 7:39
Gargaaramummaa namoota gidduu	Inni Eenyu?		Garaagarummaa namoota gidduu	Warri haaraan Yesuus haallisaa
7:40-44	7:40-44	7:40-44 7:45-52	7:40-44	7:40-44
Aboo Waaqummaasaatti warra hin amanne	Warra aboo qabaniin mormamuusaa		Yihuudota hin amanne warra aboo qaban	7:45-52
7:45-52	7:45-52		7:45 7:46 7:47-49 7:50-51 7:52	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

LUQQISUU 1-52 JIRANIIF HUBANNOO WALII GALAA

- A. Yoomessi boqonnaalee 5 fi 6 kabaja Ayyana Faasikaati/Biradarboo/. Yoomessi 7:10 hanga 10:21 immoo kabaja Ayyana Gardomaati (7:2ff)
- B. Kabajni Ayyana Gardomaa ka’umsi isaa “kennaa midhaanii” kan galateeffatanidha. (Kabaja callaa sassaabuu jedhama). cf. Ba’uu 23:46;34:32). Akkasumas yaadannoo yeroo biyya Gibxii ba’anis waantota muudannoo ta’aniif ta’edha. (Feast of the Booths; cf S.Lew. 23:29-44; fi kees. 16:13-15). Innis kan ta’u. Xishirii 15^{ffaa} (15th of Tishri) kun kan keenyaan Fulbaana- jalqaba Onkoloolessatti jiruun wal ta’udha.
- C. Boqonnaalee 7 fi 8 kan Yihuudoonni Yesuus “Guyyaa torbaffaa (sanbata) cabse” jedhanii irratti ka’an ibsa; (5:16) Labsii inni Ani “YHWH” wajjin tokko jedheen kan falmanis ni ibsa. (5:18). Waanti hubatamuu qabu barruun kun yaalii isaan godhan:-
 1. Isa qabuuf 7:30, 32,44, 10:39
 2. Isa ajjeesan 7:1, 19,25; 8:37,40 (Akkasumas 11:53) eeruu isaati.

QO’ANNOO JECHAA FI GAALAA

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:1-9

¹Kana booddees Yiuudoonni warri Yesuusiin morman isa ajjeesuu waan barbaadaniif yesuus kutaa biyya Galiilaa keessa deddeebi’e malee, kutaa biyya Yihuudaa keessa deddeebi’uu hin barbaanne. ² Ayyaanni Yihuudotaa inni ayyaana Gordomaa jedhamu tokko dhiyaatee ture. ³ Obbolootni Yesuus immoo “Bartootnikee hojii ati hojjette akka arganiif iddoo kanaa ka’ii kutaa biyya Yihuudaa dhaqi. ⁴Eenyu illee mullinatti yoo beekkamuu barbaade, hojii isaa dhoksaatti hin hojjetu. Amma garuu ati hojii kana hundumaa in hojjetta erga ta’ee biyya lafaatti of mulisi! ittiin jedhan. ⁵ Obboloonni isaa iyyuu isatti hin amanne. ⁶ Yesuus immoo “yeroon anaaf ta’u ammallee hin geenye, Isiniif garuu yeroon hundinuu kan ta’u isinitti fakkaata. ⁷Biyyi lafaa isin jibbuu hin danda’u. ana garuu hojiin isaa hamaa akka ta’e waanan dhugaa itti ba’uuf, in jibba. ⁸Isin ofii keessanii gara ayyaanichaatti ol-ba’aa ani garuu yeroon anaaf ta’u waan hin raawwatamiiniif amma illee gara ayyaana kanaatti ol hin ba’u” jedhee isaaniif deebise. **9.** Kana isaaniin jedhee, Galiilaatti hafe.

7:1 “Kana booddee” kunis gama hogbarruutiin karaa ittiin waanta itti fufee ta’u tokko tarkaanfachiisan malee kan yeroo murtaa’e (babaabaa) argisiisu miti. (cf. 5:1,6:1;7:1,21:1).

▣ **“Yihuudonni isa ajjeessuuf barbaadan”** Yohaannis keessatti “Yihuudota”kan jedhu ibsa Cubbamoota (Dogongorsiistota) jedhu qaba. (cf. 1:19; 2:19;20: 5:10;15,16; 6:41;52;7:1,11;13,35, 8:22,52,57;9:18,22,10:24,31,11;8:19;7;12;20:19) Jibbi isaaniif Gochi ajjeechaa isaaniis bakka hedduutti galmaa’eera. (cf. 5:16-18; 7:19,30,44, 8:37:40,59; 10:31,33,39; 11:8,53)

7:2 “Ayyaana Yihuudotaa Ayyaana Gordommaa” Kunis kabaja Ayyaana Makarii/Tobernocles) jedhama (cf. Lew. 23:34-44, Kees. 16:13-17). Sababi isaas yeroo makarii warri mandara keessa manneen xixiqqaa (shelter) keessa jiraatan fi warri yeroo Gibixii ba’an mudannoo qaban yaadannoo godhatanidha. yaadannoon qophii kanaas barsiisa Yesuus 7:1-10:21 irratti akkuma Ayyaana bira darboo (Passover feat) boqonnaa 5-6 irratti ta’een kan raawwatudha.

7:3 “Obboloota isaa” Kunis 2:12 kaasee yeroo jalqabaaf bakka maatiin yesuus itti eeramanidha. Isaanis kaka’umsa, Tooftaa isaa ykn kaayyoo isaa hubachuu hin dandeenye.

▣ **“Iddoo kanaa ka’ii kutaa biyya Yihuudaa dhaqi!”** kunis Deemsa Daawwii waggaa waggaa ta’u ibsuuf (cf. Luq. 2:41-44) warra Galiilaa ka’anii gara Yerusaalem dhaqan agarsiisa. yaadadhu: wangeelli Yohaannis xiyyeeffannoon isaa Hojii Yesuus Yerusaalemitti hojjetedha.

7: “Ifaa Ifatti” (mulinatti):- Mata duree addaa armaan gadii ilaali.

MATA DUREE ADDAA: IFA BA’UU/boldness (PARRESIA)

Jechi Giriik kun jecha Dachaa “hunda” (pan) fi “dubbii” (speech) (rthesis) jedhu irraa dhufe. Ifa ba’uun kunis bilisummaa dubbii tokko keessa galanii mormuu ykn falmuu hiika jedhu qaba. (cf. Yoh. 7:13; 1Tes. 2:2)

Barreeffamoota Yohaannis keessattis (yeroo 13 kan itti fayyadame) labsii mul’inaan ta’u kan ibsu dha. (cf. Yon. 7:4, Qol. 2:15)

Toulee, yeroo tokko tokko salphaadhumatti waanta ifa ta’e (mulinatti) jechuudha. (cf. Yoh. 10:24; 11:14; 16:25,29)

Hojii Ergamootaa keessatti akkuma Yesuus waa’ee abbaa dubbatee fi wangeelas Ifumaan ifatti (mul’inatti) lallabe, Ergamootnis haaluma kana fakkaatuun ergaa waa’ee yesuus irratti dubbataniiru. (cf. Hoer. 2:29, 4:13, 29,31; 9:27-28; 13:46; 14:3; 18:26; 19:8; 26:26; 28:31). Phaawuloosis yeroo kadhataaf gaafate, wangeela labsuuf kana dubbateera. (cf. Efe. 6:19; 1Tas. 2:2)

Bara hamaa kana keessatti wangeela lallabuuf mul’inatti lallabuu fi ofitti amanamummaa akka Yesuus kennuuf abdiin godhate. (cf. 2Qor. 3:11-12). Innis ergamootni/duuka buutotni kiristoos akka gaariitti akkahojjetan ofitti amanamummaa ni qabaata. (cf. 2Qor. 7:4)

Jechi kun kakuu haaraa keessatti karaalee adda addaa tajaajila.

1. Ofitti amanamummaan, mulinatti gochuun, ibsa kennuun kan inni walqabatu,
 - a. Namootaan (cf. Hoer. 2:29; 4:13,31; 2Qor. 3:12; Efe. 6:19)
 - b. Waaqayyoon (cf. 1 Yoh. 2:28; 3:21; 4:12; 5:14; Ibr. 3:6;4:16;10:19)
2. Ifa ta’anii, mul’inatti, haala namaa galuun dubbachuu (cf. mar. 8:32; Yoh. 7:4,13; 10:24;11:14; 16:25; Hoer. 28:31)
3. Ifatti dubbachuu (cf. Yoh. 7:26; 11:54; 18:20)
4. Unka kanaan wal qabatu (parr hesiazomai) haala ulfaataa keessattillee mul’inatti dubbachuudha. (cf. Hoer. 18:26; 19:8, Efe. 6:20 1Tas. 2:2)

Haala kana keessatti ofitti amanamummaa cimaa ibsa. Amantoota lammata dhufuu Kiristoos hin sodaatani. Ofitti amanamummaa/Ija jabinaan eeguu malee sababni isaas, Iyyesuusitti qabamanii waan wajjin jiraatanii fi jireenya kiristoos waan jiraataniifidha.

▣ **“Yoo”** Hima ototaa sadarkaa tokkoffaa kan dhugaa ta’uu danda’a jedhamee yaada barreessicharraa tilmaamamudha.

▣ **“Biyya lafaatti of mul’isi!”** Yesuus jecha isaa itti fayyadaman “biyya lafaa” lak. 4 irratti dubbatee, lak. 7 irratti komii jiru kaasuun isaaniitti hime. Biyyi lafaa kan isa hin smannee fi hin jaalanne, garuu kan jibbitu ta’uu isaati (cf. 18:19; 17:14; 1Yoh. 3:13) sababni isaas waan inni mormii fi cubbuu isaanii dhugaa itti ba’ee ibsuufidha. (cf. 3:19-20) Akkaataa Obbolloonni isaa Yesuus akka of ibsu barbaadanii fi karaa yesuus barbaade baay’ee gargar ture. Kunis bakka Raajichi Isayyaas isa 55:8-11 irratti dubbateef xiyyeeffannoo ifa ta’e kennuuf ture.

7:5 “Obbolloonni isaa iyyuu isatti hin amanne” Kunis komii barreessaa kanaan dhiyaatedha. Mana tokko keessatti waliin guddatanii, Yesuus akka Masihichaatti, fudhachuun baay’ee ulfaataa ta’uu danda’a. (cf. Mar. 3:20-21) Yesuus kan inni of qusannoo godhes obboota fi obbooloottota isaaf ture. Du’aa ka’uu isaa booddeellee mul’achuunisaa kaayyoo isaanitti of mul’isuufidha. Isaanis gara amantiitti dhufan (cf. Hoer. 1:14)! Yaaqoob geggeessaa waldaa Yerusaalem ta’e. Yaaqobii fi Yihudaah (jude) lachan isaaniituu Macaafa barreessanii Mdaallii KH keessatti fudhataman.

7:6 “Yeroon koo ammallee hin raawwanne” jechi “Yeroo” (kairos) jedhu bakka kanatti (al lama) fi lak. 8 irratti qofa wangeela Yohaannis keessatti argama. Xalayaa (ergaa) Yohaannis keessattillee bakka lamaan kana qofatti argama.

“BAGD” hiika bu’uuraa sadii kennaaf.

1. Yeroo бага nagaan dhuftee (i.e. 2Qor. 6:2)
- Yeroo Carraa’ummaa (i.e. Luq. 4:13)
- Yeroo dibamuu (waamichaa) i.e. Mar. 13:33; Hoer 3:20; 1Phex. 1:11)
2. Yeroo Mijataa/Sirraawaa
- Yeroo mijataa (i.e. maat. 24:45; Luq. 1:20)
- Yeroo walkeessoo (i.e. Yoh. 7:8; 2Xim. 4:6)
3. Yeroo dhumaalaayi (eschatological time) (i.e. Maat. 8:9; Luq. 2:8; Rom 13:11; 1Tas. 5:1; 2Tas. 2:6)

Lakk. 2 fi 3 hiikaan wal fakkaatu (wal irraa dhufu).

Yesuus ergama isaa adda baafatee hubateera. (cf. 12:23; 13:1:17:1-5) Ta’iin wangeelaa kun akka dubbatti hin deebineef karoorti waaqayyoo bira ba’eera (cf. Luq. 22:22, Yoh. 7:30; 8:20; Hoer. 2:23; 3:18; 4:28)

7:7 “Biyya lafaa” Mata duree addaa “kosmos” jedhu 14:17 irraa ilaali.

7:8

NASB “Gara ayyaanichaatti isin ol ba’aa, Ani gara Ayyaanichaatti ol hin ba’u”

NKJV “Isini gara ayyaana kanaa dhaqaa, Ani ammallee gara Ayyaanichaa dhaquu hin geenye”

NRSV, NJB, “Ofii keessanii kabaja kana dhaqaa, Ani garakabaja kanaa dhaqaahin jiru”

TEV “Isin kabajicha dhaqaa, Ani kabajicha dhaqaa hin jiru”

Barreeffamootni Giriik hedduun isaanii (N.D. fi K) ibsa xumuraa ammallee (Yet) jedhu hin qabani. Walfaalleessi lak. 8 fi 10 gidduu jiru dhabamsiisuuf gale ta’a. ibsi xumuraa tun kan inni keessatti argamu M SS P⁶⁶, P⁷⁵, B, L, T, fi W WKJV; KH jaarraa digdammaa, NIV) keesattidha. Himni Ifa ta’e kun kan inni hubatamu haala armaan gadiitiin ta’a.

1. Ani isin wajjin deemaa hin jiru, (Kaayyoo keessaniif miti) fi
2. Ani walakkeessaa Ayyaanaa guyyaa 8^{f^{aaa}} ttan deemuuf jira (Fakkoomni Ayyaanicha irratti ibsuuf) kan jedhuunidha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:10-13

¹⁰Obbolloonni isaa gara ayyaanichaatti erga ol ba’anii booddee, Yesuus immoo mul’inatti utuu hin ta’iin dhoksaatti ol ba’e. ¹¹Yihuudonni warri Yesuusiin morman “Inni eessa jira?” jechaa ayyanicha irratti in iyyaafatu turan. ¹²Namootnis waa’ee isaa in guungumu turan Isaan keessaa garri tokko “Inni nama gaariidha” jedhan, garri tokko immoo “waawuu inni namoota karaa irraa kaachisa” jedha. Haata’uyyuu malee Yihuudoota warra Yesuusiin mormaa waan sodaataniif, Isaan keessaa namni tokko illee waa’ee isaa mul’isee hin dubbanne.

7:11 “Yihuudoota” Namootni Yesuus irratti dubbatan As keessatti garee Afur gargar ta’anitu jiru.

1. Obboloota isaa
2. Yihuudota kan geggeessitoota amantii ibsu.
3. Tuuta sonaan baay'ee, warra daawwannaaf dhaqan.
4. Namoota Yerusaaalem jiraatan, kanneen Naannoo jiraatanii “sanledrin” beeka fi kaayyoo Yesuusiin ajjeessuu isaanii beekanidha.

7:12 “Namootni waa’ee isaa in guungumu turan” Kunis gosa/qaama hojii wangeelaa gurmuu/Tuuta namoota kamiyyuu keessatti hojjetudha. Innis, Garaagarummaa dandeettii Afuuraa fi sadarkaa hubannoo dhala namaan walqabatee jiru ibsa. (cf. 7:40-44).

▣ **“Namoota karaa irra kaachisa inni”** gochimni “planao” jedhu kan inni tajaajiluuf.

1. Barsiisota sobduuf (cf. Maat. 24:11; 2Xim. 3:13; 1Yoh.1:8; 2:66; 3:7)
2. Masihummaa sobaaf, (cf. Maat. 24:4-5; 24, Yesuusis akkas jedhanii Yihuudonni yaadu)
3. Namootni walii isaanii yoo gowwoomsan (cf. 1Qor. 3:18; 1Yoh. 1:8) ykn
4. Gowwoomsisuu ta’uu (cf. 1Qor. 6:9; 15:33; Gal. 6:7; Yaq. 1:16)

Jechi kun kan inni tajaajilu akka ibsa “Pilaaneetiin Oorbiitii ishee hordofuu dhiistee dhiibbaaf saaxilamtee saaxilis” jedhuutti.

7:13 “Yihuudoota” Tuutni namootaa kunneen hunduu Yihuudota kun immoo jecha Yohaannis addummaan geggeessitoota amantii Yerusaaalem ibsuuf itti tajaajilame ibsa. Yaadannoo 7:1 irra jiru dubbisi.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:14-18

¹⁴Guyyoonni ayyaanichaa torban erga walakkatanii, Yesuus mana qulqullummaatti ol galee barsiisuutti ka’e ¹⁵ Yihuudonni warri Yesuusiin morman “Inni kun barumsa dheeraa utuu hin qabaatiin attamitti macaafota beeke” jedhanii dinqisiifatan. ¹⁶ Yesuus immoo isaaniif deebisee “Barsiifni ani barsiisu kan koo miti; kan isa ana ergeeti malee, ¹⁷ Namni fedha waaqayyoo raawwachuu barbaade, barsiifni kun waaqayyo biraa ta’uu isaa yookiis of keessaa fuudhee dubbachuu kooiin hubata. ¹⁸ Namni ofkeessaa fuudhee dubbatu ulfina mataa isaa barbaada inni ulfina isa isa ergee barbaadu garuu, dhugaa qabeesa, jallinnis isa keessa hinjiraatu.

17:14 “Guyyoonni Ayyaanichaa erga walakkatanii” Sababni sirriin Yesuus hanga yeroo kanaatti turee eegeef kan ifa ta’e miti. garuu warri daawwiif dhaqanii fi namoota magaalichaaf waa’ee Yesuusii fi hojii dinqii isaa irratti akka dubbataniif kan eeyyamameef ta’uu danda’a. Akkasumas geggeessitoota Yihuudaaf hammeenya isaanii akka ibsaniif yeroo kennameef ta’uu danda’a. (cf. Lak. 13).

▣ **“Barsiisuu”** Dubbiin Yesuus kan inni amaleeffamu/ibsamu:

1. Barsiisuun (Mat. 4:23; 5:2,19,7,29 fi kkf. Yoh. 6:69; 7:14,18,35,8,20)
2. Lallabuu (Luq. 4:18; 7:22; 9:6; 20:1)

7:15 “Inni kun barumsa dheeraa utuu hin qabaatiin akkamitti macaafota beekke?” Kunis salphaadhumatti, Manneen barnota duree Amantii Kiristaanaa tokkollee kan hin galle ykn kan duuka buutuu barsiisota Yihuudaa akka hin taane ibsa. Gaaleen “namni kun”/inni kun” jedhu tuffii ibsa (cf. 18:17,29).

Barsiifni Yesuus yeruma hunduma sababa (1) qabiyyee fi (2) akkakau isaatiin (cf. Mar. 1:21-22; Luq. 4:22) dhaggeeattoota Isaa ni ajaa’ibsiise. Barsiisonni (Rabbiwwan(kan biroo walii walii isaanii ni eerani; Yesuus Waaqayyoon eeruuf gaaffii dhiheesse (kutate)!

7:16 Yesuus yaada isaa erga abbaa qabu qofaaf osoo hin taane, beekumsa addaa abbaaf qabu irraa godhateera. Isaan barsiisota biyya lafaa qabu. Inni barsiisaa isa waaqarraa qaba.

17:17 “Erga” Hima afola sadarkaa sadaffaa kan gocha danda’amaa ibsudha. Kunis bakka bu’aa wangeelli hundaaf kennamuu isaa ibsudha. (cf. 1:12, 3:16) fi ol aangummaa waaqayyoo ibsudha (cf. 6:44:45).

7:18 Yesuus dhala namaa kufaa cubbuun babbade kana keessaa adda akka ta'e ofiisaa of ibseera. (1) ulfina ofiisaa kan hin barbaanne ta'uusaan (2) ulfina abbaa barbaaduun (3) dhugaa ta'uu isaan fi (4) kan cubbuu hin qabne ta'uu isaan.

▣ **“Ulfina ofii”** yaadannoo 1:14 irra jiru dubbisi.

▣ **“Jallinnis isa keessatti hin argamu”** Yesuus cubbuu keenyaaf bakke keenya bu'ee du'e. Sababni isas cubbuu hojjetee du'uu hin feene. (cf. 2Qor. 5:21). Yesuus kan cubbuu hin qabne ta'uun isaa Tiyoooloojiif dhimma baay'ee barbaachisaa ta'e dha. Dhimmi kunis yeroo mara karaalee garaagaraa ibsama.

1. Luq. 23:41
2. Yoh. 6:69; 7:18; 8:46; 14:30
3. Fil. 2:7-8
4. Ibr. 4:15; 7:26; 9:14
5. 1Phex. 1:19; 2:22 (Isa 53:9)
6. 1 Yoh. 2:17;3;5,7

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 7:19-24

¹⁹Museen seera isiniif kenneera mitii? Isin keessaas tokko illee seericha hin eegne; egaa maaliif ana ajjeesuu barbaadduree? jedha. ²⁰Jarri kana irratti “seexanatu si keessa jira! Eenyutu si ajjeesuu barbaada?” jedhaniin ²¹Yesuus immoo deebisee “Ani hojii isin dinqisuusu tokko hojjedheera, isin hundumti keessanimmoo isa irratti in rifattan. ²²Museenseera dhagna qabaa isiniif kenne, dhagna qabaan kun illee abaabiliidhaan dhufe malee, Museedhaan hin jalqabamne isini immoo guyyaa sanbataatti iyyuu nama dhagna in qabdu. ²³Seerri Musee akka eegamuuf namni guyyaa

17:19 Haala Ijaarsa seerluga isaatti deebii “Eeyyii!” jedhu eeggata.

▣ **“Isin keessaas tokko illee seericha hin eegne”** kunis Yihuudota warra kabajaaf Yerusaaletti barbaadamaniif naasuu ta'eera.

Seerri Musee “nama ajjeesuu sirriitti dhorka, Ta'ullee, kun kaayyoo geggeessitoota Yihuudaati. Namootni naannoos kana in beeku garuu gocha kana dhaabuuf fedhii hin qabdani malee

▣ **“Maaliif na ajjeesuu barbaaddurre”** Gaaffiin lak. 20 irra geggeessitoota Yundaa irraa kan dhufe miti, garuu tuuta 150 na daawiiif dhufanii Sabseena isaa ajjeesaniif hin beekne irraa ture. Booddees, Lak. 25, Namootni Yerusaalet Sabseena Yesuus ajjeesuuf barbaadan hin beekne. Geggeessitootni amantiis Yesuusiin kan maormaniif Aboo fi Hubannoo isaa ibsuun nuaan dandeettii ijaa qabaateefidha. (cf. Mat. 9:34; 11:18; 12:24 Mar. 3:22-30; Yoh. 3:48-52; 10:20-21)

7:20 “Seexanatu si keessa jira” Akka Yesuus Aboo Afuuraa qabu eenyullee ni beeka. Gaaffii kan ta'e garuu, Aboon kun eessaa akka dhufedha. Geggeessitootni Yihuudotaas mallattoo fi dinqii Yesuus hojjete hin kaadne, kanaaf aboo kana seexana irraa argate jedhani yaaduu fi aboo jinniiti jedhu (cf. 8:48-49; 52; 10:20).

Dubbisa keessatti macci mana quqlullummaa deeman ayyaana Mana Quqlullummaa irratti argamaa iran gaalee walf akkaataa ni fayydamu, garuu immoo miira adda ta'een. Isaan Yesuus akka nama hubataa hin taaneetti, ilaalcha akka nama sammuu hin qabneetti gochaa irraachuu isaa cimsanii dubbachaa jiru.

MATA DUREE ADDAA: AFUURA XURAA'AA/JINNII (Demonic)

- A. Namootni bara durii seensoosarii (animists) dha. Namoota cimina qaban human uumamaa, Bin eeldota, fi waantota uumamaa cimsanii laalu. Jireenyi illee Afuura akkasii keessaan ilaalama.
- B. Namoomsuun kunis waaqolii danuu (polytheism) fide yeroo hedduu jinniwwan waaqolii gadaanoo (gaarii ykn gadhee) kannaa jireenya namaa irratti taatee qabanidha.
 1. Meesoopootaa miyaa, jeequmsa fincila

2. Ejibt (Missira) jajajuu fi hojjechuu
 3. Kana'an W.F. Albright's Archaeology and Religion of Israel, Fith Ed. fuula67-92 ilaali.
- C. Kakuu moofaa waan seera Tokkummaa'a (monotheism) hordofuuf, waaqolii xixiqqoo (gadaano) kanneeniif bakka hin kennu. (cf. Ba'u 8:10:9:14; 15:11; S.Kees. 4:35:39; 6:4;; Far. 35:10; 71:19,86:6; Isa. 46:9; Erm. 10:6-7; Mik.7:18). Waaqolii sobaa warra **paayaan** kan ibsu (shedim, cf. Kees. 32:17; Far. 106:37) fi maqaa muraasa isaaniis yoo waamureeruu.:-
1. *Seim* (Jinnii rifeensa qabu. cf.Lew. 17:7 2Mot. 11:15)
 2. *Lilith* (dubortii, Jinnii saaldessu (seducing demon) cf. Isa. 34:14
 3. Muuet (Jecha Ibirootaa du'aaf tajaajilu, waqottii lafa jalaa. Isa 28:15; 15;12; Erm 9:21
 4. Resheph (plague, cf. Skees 33:29; Far. 78:48, Haba 3:5)
 5. Dever (pestilence, Far. 91:5-6; Hab. 3:5)
 6. Az'azel (Jinnii gammoojjii, maqaa bakkaati. cf. Lew. 16:8,10,26)
(Fakkeenyooni kunniin Encyclopaedia Judaica, War. 5 fi 1523 irraa fudhaman). Haa ta'u malee, YHWH Kakuu Moofaa keessaa irraa lama ta'uun ykn bilisummaan ergamummaa hin jiru. Sexanni hojjetaa YHWH (cf. Iy. 1-3; Zakkaariyaas 3), walaba ta'uu diina ofiinof qajeelchuu miti (cf. A. B Davidson, *A Theology of The Old Testament*, ff. 300-306
- D. Judizimiin (judaism) kan inni eegale yeroo boojuu Baabiloon (Dh, K.D. 586-538) tti. Inni gama Tiyooloojiitiin waaqa warra peershiyaa kan "Zoroostrianism" kan lamummaa (dualism) qabun kan waaqiisaanii Inni gaarii fi guddaan/olaanaan Mazda ykn Ormazd Inni hamaan isaan falmu immoo "A hriman" jedhamuun jeeqamee ture. Kunis bara bojuun booda judizimii keessatti lamummaa YHWH fi Ergamoota isaa, seexanaa fi Ergamootaisaa gidduutti uumeera.
- Barsiisa gudizimii keessatti Afuurri hamaan sanadaa'ee kan inni ibsame "Altred Ed ershiim's The life and Times of Jesus the messiah, Vol. 2. Appendix XIII (Fuula 749-863) fi XVI (fuula 770-776)" keessatti dha. Afuurri hamaan (Jinniin) Judizimii keessatti karaalee sadiin ilaalama.
1. Seexana ykn saama'eu
 2. Yaada hamaa (Yetzer hara) dhalli namaa qabu.
 3. Du'a fiddoota ergamootaa./ Ergamoota du'aa.
"Ed ersheim" yeroo ibsu (1) Himataa, (2) Qoraa, (3) Adabaa (Vol. 2. pp 756).Amantii Yihudii bittaa jala turee duraa fi dhihaachuu fi ibsamuu hammeenya gidduu garaagarummaan ti'oooljii mul'ifame ni jira.
- E. Kakuu Haaraa keessattuu, wangeelotni. Jiraachuu fi mormii Afuurotni Hamoon namummaa dhuunfaa fi YHWH irratti qaban ni ibsu. (Judizimii keessatti Seexanni diina dhala namaati malee, diina waaqayyoo miti). Isaanis fedhii, bulchiinsa seeraa fi Mootummaa Waaqayyoon warra mormaniidha.
Yesuusis Afuurota jinnii kana akka (1) Afuura Xuraa'aa, (Luq. 4:36:6:18) ykn (2) Afuura hamaa jedhee ibseera. (cf. Luq. 7:21; 8:2) dhala namaatirraa. Yesuus ifumatti dhukkuba (foonii fi sammuu) fi seexanaa gidduu gargaarummaa uumeera. Hafuurota hamoo kanniin hubachuu fi baasuudhaan Inni ilaalcha humnaa fi hafuufa Isaa hubatanii Isas argisiisuuf carraaqqanii turani, garuu immoo Yesuus dhuga ba'uumsa isaanii hin fudhanne ture; callisuu isaanii ni barbade, akkasumas immoo humnaan isaan ni baase. Humna Hafuura hamaa baasuun mallattoo moo'atamuu mootummaa seexanaati.
Hanqinni odeeffannoo ergaawwan bartootaa dhimma kanarratti Kakuu Haaraa keessatti waan nama dhiinqisiisuudha. Humna hafuura hamaa baasuun akka kennaatti ykn sirna tooftaa uumuu ykn wal duraa duuba dhaloota ergamoota wangeelaa ykn amantoota egeriitiif kenname ta'uun isaa gonkumaa hin himamne.
- F. Hammeenya dhugaan kan jiru, namummaa dhuunfaa, kan jiraatudha. madda isaas ta'ee kaayyoon isaa hin ibsamne. Wangeellis dhugaa jiraachuu isa fi mormituu cimaa ta'uu isaa ibseera. dhugaasaa yoo ilaale waaqni lama hin jiru. waaqayyo hundumaa mo'eera, Afuurri hamaan mo'ameera. Ittis faradamee uumama keessaa ba'eera.
- G. Sabni waaqayyoos afuura hamaan mormuu qaba. (Mat. 4:7). isaan mo'amu hin qabani. (1Yoh. 5:18), garuu ittiin qoramuu fi dhugaan isaanii cabuu danda'a. (Efe. 6:10-18). Amantootni mo'icha

7:22

NASB, NKJV “(Waan museerraa ta'eef miti, waan abbaarraa ta'eef)”

NRSV “(Innis Musee irraa miti, Abaabili irraa dhufe malee)”
TEV. “(Museerraa osoo hin taane, Akaakilee keessan warra jalqaba irraayi)”
NJB. “(Museedhaan hin eegalle, Abaabili irraa kan darbaa dhufe)”

Dhagna qabaan Museedhaan hin eegalle, (cf. Ba’uu 12:48; Lew. 12:3) garuu YHWHdhaan akka mallattoo kakuutti Abrahaamiif kennamee ture. (cf. Uma. 7:9-14; 21:4: 34:22).

▣ **“Guyyaa sanbataa iyyuu nama dhagna in qabdu”** Falmiin Yesuus inni cimaan, seera sanbata isaanii eeguun Daa’imman dhagna erga qabatanii, guutumaan fayyisuun maaliif dhoowwameedha. Kanaanis Yesuus ragaan deeggaree barsiisa Judizimiin falmaa ture.

7:23 “Erga” Hima Otola sadarkaa Tokkoffaa kan haala yaada barreessan dhugaa isaa tilmaamudha.

▣ **“Guyyaa sanbaatti waan ani nama guutummaa isaa fayyisuuf anatti dheekamtuuree?”** Kunis Fayyisuu Yesuus 5:1-9 irratti galmaa’e ykn fayyisuu isaa kan hin galmaa’iin kan yeroo ayyaanichaa kan ibsu ta’uu danda’a. Jechi Giriik “Dheekkamsa/angry” jedhu (Chalao) kakuu haaraa keessatti kan as keessatti qofa argamudha. Innis jecha gall (chiole, Mat. 27:34) jedhuun wal qabata. Sababni Yesuus jecha kanatti fayyadameef ifa miti. Innis tarii dheekkamsa waaqarraa ta’uu danda’a.

7:24 “Akka bakkeedhaan ilaaltanitti hin faradiinaa, Firdii qajeelaa kennaa malee” kunis Ajoo’ibsiammee (present imperative) kan ta’ii waawummaa (negative particle) waliin deemu kan gocha duraa dalagamu tokko dhaabi hiika jedhu qabudha. Kunis Miirsoo Ajooibsi (AORIST IMPERATIVE) hordofuun kan Golsiyo (urgency) hallisu (implies) dha. Kunis Isa. 11:3 irra kan jiruun (allusion to Isa. 11:3).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:25-31

³¹Amma immoo warra yerusaalem keessaa jarri tokko, “Inni kun isaisaan ajjeesuuf barbaadan mitii? ²⁶Ilaa inni mul’inumatti dubbachaa jira. Isaanis waan tokko illee isa irratti hin dubbatan. Warri Aboo qaban akka inni Masihicha ta’e; dhuguma hubatan laata? ²⁷Haata’u iyyuu malee namichi kun nama eessaa akka ta’e in beekna. Masihichi yemmuu dhufu garuu, Eessa akka inni ta’e homtinuu hin beeku: jedhan ²⁸isa irratti Yesuus utuu mana qulqulluumaa keessatti barsiisuu sagaleesaa ol fudhatee “Dhuguma ana beektu, Nama eessaas akkan ta’e beektu, Ofiin hin dhufne. Inni akan erge jira. Inni amanamaadha. isin immoo isa hin beektan. ²⁹Ani garuu isa biraa nan dhufe. Isatus na erge kanaafis isa nan beeka” Isaaniin jedhe. **30** kana irratti isa qabuuf yaadan, garuu yeroo isaa ammallee waan hin ga’iiniif namni tokko iyyuu harkaan isa hinqabne. ³¹Namoota sana keessaa baay’een Yesuusitti amanan; Isaanis “Masihichi yemmuu dhufu isa namichi kun argisiisa caala milikkita argisiisaa laata? jedhan.

7:25 “Inni kun isa isaan ajjeesuu barbaadan mitii?” Unconf. seerluga gaaffii kanaa deebii “Eeyyeen/” jedhu eega. (cf. 5:17;7:19). Kunis lakk. 36 keessaa gaaffii cimaa kan jalqabaati.

7:26

NASB, REV

TEV “Innoo mulinatti dubbachaa jira”
NKJB “Innoo Caa jechaan(boldly) dubbata”
NRSV, NJB “Innoo bilisa ta’ee dubbata”

Mata duree addaa:- “Mulinatti” (parrhesia) jedhu 7:4 irraa ilaali.

▣

NASB “Warri Aboo qaban akka inni masihicha ta’e dhuguma hubatanii laata?”
NKJV “Wiistoos isa dhugaa akka ta’e warri aboo qaban ni beekuu”
NRSV “Dhugumaan Masihii ta’uu isaa beekuun danda’ameeraa”
NJB “Warri aboo qaban dhugumaan kiristoos ta’uu isaa dinqisiifataniiruu”

Ijaarsi seerluga kanaa deebii “Lakki/waawuu” jedhu eega. Ta’uyyuu haala danda’amaa ibsa (cf. 1:31; 4:29).

7:27 “Namichi kun eessaa akka ta’e in beekna garuu kiristoos yeroo dhufu eessaa akka ta’e homtinuu hin beeku” Mat. 3:1 irratti hundaa’uun Kunis barsiisa duree amantii Yihudootaa Masihummaa irratti barsiisfata jiru kan ibsudha. Kunis Masihiin tasa mana qulqullummaa keessatti argama malee eessaa akka dhufe hin beekamu kan jedhudha. Kunis 1 Henok 48:6 fi 4 Izra 13:51-52 irratti argama.

7:28 Luqisii kana keessatti Yesuus waantota lama godhaera.

1. Akka waaqayyo isa erge ibse. (cf. 3:17; 34;5:36,38; 6:29; 7:29; 8:42; 10:36; 11:42; 17:3, 18,21,23,25; 20:21)

2. Waaqayyoon beekuu dhabuu isaanii ibseef. (cf. 5:37; 42; 8:19; 27, 54-55; 16:3)

Yohaannis akka galeesetti Yesuus “Iyye/sagalee guddaa dubbate/ (cf. 7:37:12:44; Mat. 8:29; akka dhaga’amuuf yesuus sagalee isaa ol kaasee. Kunis gama og barruun miira Yesuus hojjicha keessatti akka jalqabaatti Ameen! ykn Ameen!Ameen! jedhetti. Innis hima agiboo cimaa (Ironic) kana Xiyyeeffannoon akka itti kennamuuf itti gargaarame. Lak. 29 Rakkoo isaa agarsiiseera. Akka isaan yaadanitti inni nama biyya Galiilaati (lakk. 41) garuu dhugaan isa, Inni olii waaqarraa kan dhufedha.

▣ **“Inni na’erge Amanamaadha/Dhugaadha”** Abbaan dhugaadha (cf. 3:33; 8:28; 1Yoh. 5:20) Ilmis akkasuma (cf. 7:18; 8:16) Mata duree addaa 6:55 irraa ilaali.

7:29 Ani isa nan beeka. Isa biraa waanan dhufeei, Isatu na erges” Yohaannis keessatti olee lamummaa (kertical dualism) kanbirooti. Jechi kunis Yihuudotaaf sagalee “Arrabsoo” ta’ee waan argameef Yesuus ajjeessuuf yaalii godhan cimsanii itti fufan. Mata duree addaa. Ergame (Send) /Appolstello/ jedhu 5:24 irraa ilaali.

7:30 “Isa qabachuuf barbaadan” Kunis gochima hennaa Alsirrii (Imperfect Tensi Verb) kan 1) isa qabachuuf barbaacha eegaluu isaanii ykn 2) Isa qabachuu irra deddeebi’anii yaalaa turuu isaanii garuu warra daawiif dhufanii isatti amanaa gidduutti isa himachuu kan rakkatan ta’uu ibsudha.

▣ **“Waan yeroonisaa ammallee hin geenyeef”** kunis jechama ragoota yeroo ammaa kan karoora waaqummaa oliirraa ta’uu ibsudha. (cf. 2:4:7;6;30;8:20;12:23;27;13:1;7:1)

7:31 “Garuu tuutni hedduun isatti amanan” Gocha Masihummaa isaaf haaleffannaa dhabaniyyuu kun amanii dhugaa Yesuusiitti qabaachuu isaanii ibsa. Namni kamiyyuu amantii sirrii (Perfect) hin qabu. (cf. Nahi. Abrahaam, Musee, Daawwit, Warra Kudha lamaan)

Mata duree addaa 2:23 irraa ilaali. Warri kaan ni amanu. kaan immoo in shakku kaan immoo itti dheekkaman. Kunis Asitti handhuura hojii:-

1. Filannoo Waaqummaa (divine election) fi

2. Cubbamummaa namoota (humna Sinfulness) ibsa.

Asitti hojiin waaqummaa ni jira. Ifa keessa osoo jiranii amantoota hin amanneef baay’een sodaadha. Wangeelli kanaaf nageenya kanaafi immoo jeequmsa kenna.

▣ **“Kiristoos yoo dhufu, kan namnikun hojjetan caala dinqii hojjetaa laata?”** Seerlugini Giriik deebii “Lakkii/waawuu” jedhu as irraa eega.

“Mallattoo” ilaalchisee Amantii Cimaa Yesuus irratti akka qabaniif bu’uura ta’uu isaa. “George E. Ladd” Kitaaba isaa *“A Theology of the New Testament”* jedhu keessatti yaada nama hawwatu kaa’eera. Innis kanarmaan gadiiti.

“The question of the relation ship of the Signs to faith is not easy, because the data seems to look in two deferent directions. Some times signs are deigned to lead to faith in Jesus (2:23; 6:14; 7:31; 10:42). On the other hand there were those who behold the signs and did not belief. (6:27;11:47;12:37). Furthermore, on occasion Jesus rebukes the Jews because they will not believe unless they see signs (4:48; 6:30). The answer must be found in a sort of tension between Signs and faith. If requires faith to recognize the true meaning of the signs and their witness to Jesus to those who had no faith, the signs are merely meaning less prodigies. To those who are responsive the signs are the means of confirming and deepening faith. It is clear that Jesus signs were not designed to compel faith. On the other hand the works of Jesus are sufficient testimony to

those able to see what is happening in his mission. Jesus works will serve as means of condemnation and confirming blind men in their sinfulness” (Fuula 274).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:32-36

³²Faarisootni yemmus isa namootni waa’ee yesuus guunguman dhaga’an luboonni warri angafootni, fariisotni Yesuusiin qabsiisuudhaaf na’oota isaanii isatti erga. ³³ Isin ana barbaaduuf jirtu, garuu ana hin argattan; iddoo ani jirus dhufuu hin dandeessan”jedhe. ³⁵ Yihuudonni warri Yesuusuun morman “Akka nuyi isa hin argineef namichi kun eessa dhaquudhaaf jedha? Gara Yihuudotaa warra biyya Giriikotaa keessatti faca’anii dhaqee Giriikota barsiisuu yaadaa? jedhanii waliin dubbatan. ³⁶ isin ana barbaaduuf jirtu garuu ana hin argattan iddoo ani jirus dhufuu hin dandeessan” jechuun isaa kun maal jechuu isaati? jedhanii waliin dubbatan.

7:32 “Lubootni warri angafootni fi Faarisootni” Kunis miseensota “Sanhediiin” kan ibsuudha. (Mata dure addaa 3:1 ilaali). Luba olaanaa tokko qofaatu ture, garuu Erga Roomaan qabamtee eegalee siyaasni biyyichaa dureeyyota hedduun onnaatamee, garee maatii fi garee maalii irratti daddarbaa ture.

▣ **“Warri Faarisootaa isa qabachuuf itti ergan”** kunis “Poolisii mana qulqullummaa” ibsa, warra Leewotaa ta’an jechuudha. Mana qulqullummaa alas Aboon isaanii daangeffamaa kan ta’edha. (cf. 7:45; 46; 18: 3,12,18,22).

7:33 “Yeroo gabaabduu duwwaadhaafin isin biran jira” kunis Yohaannis keessatti gaalee beekkamaadha. (cf. 12:35; 13:33; 14:19; 16:16-19) Yesuus eenyu akka ture of beeka, waan isarratti ta’uu fi yoom akka isarratti ta’u (cf. 12:23:13:-1; 17:1-5).

▣ **“gara isa na ergees nan dhaqa”** kunis ta’ii cubburraa qulqulleessuu raawwachuu: Fannifamuu, du’aa ka’uu fi ol fudhatamuu gara ulfina isaatti deebi’ee jiraataa ta’uu isaa ibsa (cf. 17:1-5, Hoer 1).

7:34 Dubbiin kun kan Yesuus mana isa irraa (upper room) irratti bartoota isaa waliin dubbateen wal fakkaata. (cf. 13:33; cf. 7:36 fi 8:21). Ta’uyyuu, asitti warra hin amanne kan ibsudha. (i.e. Tuuta namootaa, warra Yerusaalem, fi geggeessitoota Yihudotaa)

7:35-36 “Gara Yihuudota warra biyya Giriikotaa keessatti faca’anii dhaqee Giriikota barsiisuuf yaadee laata” Ijaarsa Seerluga Giriikotaan deebii “Lakkii” jedhu barbaada. Kunis yeroo maraa fedha waaqayyoo (cf. Uma. 3:15; 12:3; Isa. 2:2-4) yeroo kabaja ayyaanaa Gordommaattis saba biyya lafaatiif sangoonni coomoon torbaatamni ni qophaa’an. Yihuudotni immoo warra kaaniif kadhachuu fi gara ifaatti fiduuf dirqama qabu. Jechi “disperia” jedhus Yihuudota warra biyya Ormaa?Ambaa jiran ibsuuf yoo ta’u jechi “Giriikota” (Greeks) jedhu immoo miira warra ormaa ta’an (waaqayyoon hin beeknee) kan ibsudha. (cf. Yaq. 1:1 1Phex. 1:1).

Tuutni namoota achitti argamaniis isa hubachuu hin dandeenye. Sababni isaas barsiisa isaa “olii” fi “gadii” jedhuun hiika gama ogbarruun waan ilaalaniif. Inni abaa biraa dhufe, gara abbaattis kandeebi’u ta’uu isaati.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:37-39

³⁷Guyyaan dhuma Ayyaanichaa guyyoota sana hundumaa irra caalaa guddaa tue. guyyaa sanatti Yesuus ka’ee dhaabbatee, sagalee isaa ol fudhatee “Namni dheebote yoo jiraate gara koo haa dhufu; haa dhugus. ³⁸Namni anatti amanu akkasuma haa godhu! Macaafni akkuma dubbate “yaa’an bishaan jiraataa garaa isaa keessaa in burqa” jedhe ³⁹Inni dubbii kana waa’ee hafuura qulqulluu isa warri isatti amanaman fudhachuuf jiraniif isaanitti dubbate. Inni iddoo ulfina isaatti waan ol hin fudhatamiiniif, Afuurri qulqulluun amma iyyuu hin kennamne ture.

7:37 “Guyyaa dhumaa isa hudarra guddaa” Kunis Ayyaanichi guyyaa torba ta’uu isaf gaaffileen tokko tokko in jiru (cf. kees. 16:13) Kunis guyyaa dhumaatti bishaan bool’a isaa keessaa kan fuudhamu osoo hin taane akkuma guyyoota torban biroo kan roobudha. Kabaja kana irraas “Tractete sukkah” namni biyya Talmud, Isa.

12:3 irraa fudhatee akkuma godhe. Nutis as irraa barumsa ni arganna. Kunis kadhata beekamaa oomisha midhaaniif bokkaa kadhatan of keessaa qaba.

▣ **“Erga/utuu”** Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan Gocha humna qabu ibsudha.

▣ **“Namni dheebote kamiyyuu”** Kunis Affeerraa waliigalaa yesuusitti akka amananiif ta’e (waamicha waliigalaati) dha. Yaadannoo 7:17 irraa ilaali.

“Gara koo haa dhufu haa dhugus” sadoomii kana fakkaata, yesuus 4:13-15 irratti fayyadameera. Kunis kattaa jiraataa bishaan keessaa maddu ta’uu isaa fi Masihummaa Yesuus ibsa (cf. 1Qor. 10:4). Inni ifumaan ifatti affeerraa Isa. 55:1-3 Kakuu Mooffaa fi carraa aadaa fakkeenya yeroo ayyaatti bishaan keessaa dhanga’uu wajjin walitti ni firooma.

Caaffattooni Giriik durii “anatti (to me)” jedhu keessaa hanbisu. (cf. Mss P⁶⁶, κ*, fi D) p⁶⁶, κ^c, L, T, W, keessatti immoo ni argama. UBS⁴ itti makama isaa sadarkaa “B” (irra jireenya kan mirkanaa’e) ni kennaafi. Yohaannis keessatti namoonni Isa amanuuf barbaadanii turan. Wangeelichi xiyyeeffannaa dhuunfaa tokko ni qaba.

7:38 “Namni anatti amanu” Kunis Henna ammee (present Tense) dha. Kunis xiyyeeffannoo walitti dhufeenya itti fufiinsa qabuun Amananii akka Yoh. 15 tti waliin jiraachuu ibsa. Mata duree addaa. Henna Gochoota Giriik “Fayyinaaf” tajaajilan 9:7 irraa ilaali.

▣ **“Gaaffiin qulqullaa’aan akka dubbatutti”** Caaffata isa kam akka ta’e adda baasuun nama rakkisa. Tarii Isa. 12:3; 43:19-20; 44:3:58:11; Hisq. 47:1; Yoel 3:18, Zak. 13L1 ykn 14:8 ta’uu hin oolu. Isaanis Bishaan jiraachuu aboo waaqummaan Sadoomiin waan dubbataniifidha. Dhimmi kana keessatti bishaan bara haaraa eebba qonnaa abdachiifame bakka buusa uumama keessaa Kakuu Haaraatti ni jijjiirame. Afuurri qulqulluun onnee fi yaada namaa keessatti onnataadha (His. 36:27-38).

▣ **“Yaa’aan bishaan jiraataa garaa isaakeessaa in burqa”** Qoodni maqaa kun kan inni hordofu ibsuuf yaaxinaalee hudduutu jiru.

1. Yesuus ofii isaa (cf. Abbootii Waldaa kiristaanaa durii)

2. Amantoota dhuunfaa warra Yesuusitti aman.

3. Yerusaaalem “Isaa” jechuun “Ishee” jechuudha kan magaalicha ibsu. (Hisq. 47:1-12 fi Zak. 14:8)

Inni kun ibsa gaarii, mare ti’ooriwwan lama isa tokko gidduu gidduutti ciccitu ww. 37b fi 38a NIDOTTE keessaa, Max. 1, 7 683 ni salphise.

Yesuus ofii Isaa bishaan jiraataa jedhee of waame (cf. 4:10). Amma dubbisa kana keessatti inni Hafuura Qulqulluu (cf. w. 39). Isa hordofoota Yesuus keessatti bishaan jiraataa qopheessuu fi dhiheessuudha.

7:39 “Yesuus iddoo ulfina isaatti waan ol hin fudhatamiiniif, amma iyyuu afuurri qulqulluun hin kennamne” kunis yaada Yohaannis boodarra yaade ibsa. (cf. 16:7). Hima kanaaf Yohaannis maal akka jedhus ibsuuf Ibsawwan garaagaraa hedduutu jiru.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:40-44

⁴⁰Warra dubbii kana dhaga’an keessaa jarreen tokko **“Namichi kun dhuguma raajicha”** jedhan ⁴¹**Warri kaan immoo “Inni Kiristoos”** jedhan. Warri kaan garuu **“Kiristoos Galiilaadhaa dhufaa?”** ⁴²**Macaafchi kiristoos sanyii Daawwit keessaa Betlehem ganda Saawwitii akka dhufu hin dubbanneeree? jedhan.** ⁴³ **Namootni waa’ee isaa irratti yaadaan gargar ba’an.** ⁴⁴ **Isaan keessaa kaan isa qabuu barbaadan. garuu namni tokko iyyuu harkaan isahin qabne.**

7:40 “Namichi kun dhuguma raajicha” Kunis Masihummaa isaa karaa Musee kees 18:15;18 irratti caafame abdachiifame sana ibsuuf ta’a. Namootni danuun Akka raajiitti Yesuus ilaalani dinqisiifatan. (cf. 4:19;6:14;9:17; Mat. 21:11). Isaan humna Yesuus qalbeefatanii/hubataniiru ture. Garuu immoo namoonni Isaa fi hojiin Isa ahin galleef ture. Islaamnis akkasumas aangoo/taayitaa kana Yesuusiif ni kenna; garuu immoo ergaa Isaa hin hubatu.

7:41 “Warri kaan ‘kuni kiristoos’ jedhu” kunis jechi “kiristoos” jedhu jecha Ibrootaa kan “Masihi” jedhuun wal madaalaa (tokkodha). ta’ee “isa dibame” hiika jedhu kan qabudha. “Dibamuu” 11:2 ilaali. Mootonni, luboonni fi raajonni akka mallattoo waamichaa fi meeshaa Waaqayyoo ta’anitti dibamu turan. Mata Duree Addaa: Macaafa Quqlulluu keessatti Dibamu 11:2 irratti ilaali.

▣ **“Warri kaan garuu, kiristoos galiilaadhaa dhufaa?”** jedhan. Ijaarsa seerluga Giriikiin deebii “Lakki” jedhu barbaada. Garuu kan Isa. 9:1 irraa maal dubbata?

7:42 Ijaarsi seerluga isaan gaaffii deebii “Eeyyeen” jedhu kan eegudha.

▣ **“Sanyii daawwit”** (cf. 2Sam. 7, Mat. 2:9;22:42).

▣ **“Betelihem Ganda Daawwit keessa ture”** Kunis Agiboo birooti. (Mik. 5:2-3; Mat. 2:5-6)

7:43 Yesuusii fi Ergaan isaa yeroo maraa gargar bainsa fida. (cf. 7:48-52; 9:16; 10:19; Mat. 10:34-39; Luq. 12:51-53) . Warri kaan Gurra Hafuura qabu, kaan immoo hin qabani waan ta’eefidha. (cf. Maat. 10:27; 11:15;13:9,15 (al-lama), 16:43; mar. 4:9,23; 7:16; 8:18; Luq. 8:8; 14:35).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 7:45-52

⁴⁵Na’oonni warri Yesuusittiergaman gara lubootaa, warra angafootaatti gara warra Faarisootaattis in deebi’an isaan immoo “Maaliif Yesuusiin hin dhiyeesine? jedhanii in gaafatan. ⁴⁶Na’oonnis “Akka namicha kanaatti takkaa namni dubbatee hin beeku”jedhanii deebisaniif. ⁴⁷Kana irratti warri Faarisootaa “Isinuma iyyuu karaa irraa kaachisa. ⁴⁸Warra Aboo qaban keessaas yookiis warra Faarisootaa keessaa tokko iyyuu isatti amaneeraaree?. ⁴⁹Janattis seera Museedhaan kennamee hin beekne kana duwwaadha? jedhaniin. ⁵⁰Niqodemoo inni duraan gara yesuus dhaqe immoo warri Faarisootaa sana keessaa tokko ture. ⁵¹Inni yemmus seerri keenya Afaan isaa irraa utuu hin dhaga’iin waan inni hojjetes utuu hin hubatiin nama tokkotti hin farachiisaa?” isaaniin jedhe. ⁵²Isaan garuu deebisani “Atis immoo nama Galiilaatii? Macaaficha qoriitii ilaali! Galiilaadhaa raajiin hin ka’u” jechaniin. ⁵³kana booddee hundumti isaanii gara mana mana isaaniitti galan.

7:46 “Na’oonni isatti ergaman, deebi’anii Akka namicha kanaatti takkaa namni dubbatee hin beeku” jedhanii deebisaniif” Cinee/Agiboo Yohaannis! kunis jalqaba dhugaa ba’umsaati.

1. Isaan sodaa namootaa hin eerre.
2. Yeroo namootni gargar ba’an Na’oonni kun waa’ee Yesuus ni shakku
3. Namootni kunneen yaada isaanii ibsuuf osoo hin taane, Ajaja eeguuf ture.

7:48 “Warri Aboo qaban, faarisoota keessaas tokkollee isatti hin amanne” Ijaarsi seerluga Giriik kun lak. 47 fi 48 irratti deebii “Lakki” jedhu eegu. jechi abbootii/warra aboo qaban/ Aangoo jedhu “Sanhedrin” warra jedhaman ibsa. As keessatti saaduqootaa fi Faarisootatu argama. Isaanis warra yesuusiin mormanidha. (cf. 11:47,57; 18:3)

7:49 “Jaratti seera Museedhaan kenname hin beekne kana duwwaadha” Kunis Namoota lafa sana warra geggeessitoota amantiin daangeffamanii Af-Dudhaa sana hin hojjenedha. (cf. kees. 27:26). Niqoodimooss immoo utuma isaaniifuu Yesuus irratti daba yaaduun akka seericha cabsan itti agarsiiseera.

O... wanta nama gaddisissaa garmalee nama amanti ta’uu. Inni sirriitti abaaru tokkichi (eparatos, as Kakuu Haaraa keessatti qoaa argama) namoonni barataman (common) ofii isaanii abaaramaniiru! Yoo aduun dhiitu, dukkanichi hammam ulfaata! Seerratamuu qabda. Ammayyaa’uu qabda. Nama hubataa ta’uu qabda. Nama amanti barsiisaa argates ta’uu qaba.

7:51 “Seerri keenya Afaan isaa irraa utuu hin dhaga’iin, waan inni hojjetes utuu hin hubatiin namatti faradaaree?” Ijaarsi seer-luga Giriik deebii “Lakkii” jedhu kan eegudha. (cf. Ba’uu 23:1; Kew. 1:16)

7:52 “Atis immoo nama Galiilaatii?” Kunis miira “sanhedrin” warri jedhaman mormii yesuusiif qabaniin dubbatan agarsiisa.

▣ **“Qoriitii ilaali”** “Qori” kan jedhu akka barsiisa Yihuudotaatti caaffata qulqullaa’oo qo’achuudha. (cf. 5:39) kunis Cinee ykn Agiboo (Irony) Yohaannis itti fayyadames ni ibsa. Eeliyaas (cf. Mot. 17:1) fi Yohaannis (cf. 2Mot. 14:2), Hose’aa fi Nahoom maaliinni? Isaanis Raajota kees. 18:15,19; Uma. 49:10, 2Sam 7 ta’uu/ jedhamuu qabu.

7:53-8:1 yaadannoo seensa boqonnaa 8 ilaali.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Duubeen kabaja Ayyana Faasikaa jecha Yesuus boqonnaa 7irraa wajjin maal fakkaata?
2. Kaayyoo kabaja Ayyaana Gordomma ibsi.
3. Geggeessitootni Amantii maaliif yesuus irratti ka’anii?
4. Boqonnaa kana keessatti garee namoota Yesuus irratti yaada kennanii tarreessi.!

YOHANNIS 8

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dubartiitii Ejjaan qabamte	Ijjummaan ejjituu ifa biyya lafaa dhaamsa	Dubartiitii Ejjaan qabamte	Dubatitti Ejjaan qabamte	Dubartii Ejjituu
7:53-8:11	7:53-8:12	7:53-8:11	7:53-8:11	7:53-8:11
Yesuus ifa biyya lafaa	Yesuus dhuga-ba'umsa ofiisaa dubbachuusaa	Yesuus Ifa biyya lafaa	Yesuus ifa biyya lafaa	Yesuus Ifa biyya lafaa
8:12-20		8:12-20	8:12	8:12
Iddoon ani dhaqu isin dhaquu hin dandeessan				Yesuus dhugaa offii ba'uu isaa irratti kan dubbatame
8:21-30	8:13-20		8:13	8:13-18
			8:14-18	8:19a
			8:19a	8:19b
			8:19b 8:20	8:20
	Yesuus waa'ee dhiphina isaa dursee hime		Bakkan dhaquuf jiru isin dhaquu hin dandeessan.	
	8:21-29	8:21-30	8:21	8:21
			8:22	8:22-24
			8:23-24	
			8:25a	8:25a
	Dhugaan bilisa isin baafti.		8:25b-26	8:25b-26
	8:30-36		8:27-29	8:27-29
			8:30	8:30
Dhugaan bilisaan isin baasti			Dhugaan bilisaan isin baasti	
8:31-38		8:31-33	8:31-32	8:31-32
	Firdii Abrahaamii fi Seexanaa		8:33	8:33-38
	8:37-47	8:34-38	8:34-38	
	Abrahaam dura ture			
Abbaa keessan seexana	8:48-59		8:39	
8:39-47		8:39-47	8:39b-41a	8:39-41a
			8:41b	8:41b-47
			8:42-47	
Abarhaam duraan ture				
8:48-59		8:48-59	8:48	8:48-51

	8:49-51	
	8:52-53	8:52-56
	8:54-56	
	8:57	8:57-58
	8:58	
	8:59	8:59

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

DUUBEE WALIIGALAA 7:53-8:11

- A. Yoh. 7;53-8:11 tti qaama Wangeela Yohaannis jalqabaa hin turre.
- B. Wangeela keessaa dhaabamuu isaaf immoo ragaa kan ta’an:-
 1. Ragaa Alaa (Extenal evidence);
 - a) Caaffatoota Giriik durii irraa dhabamuu isaa
 1. Paapiruu. P⁶⁵ (jar. 3^{ffaa} dura) P⁷⁵ (Jar. 3^{ffaa})
 2. Uncials- x (Jar 4^{ffaa}), B (Jar.4^{ffaa}), A fi C irraas dhabamuusaa
 - b) Caaffatoota Giriik Warra boodaarraas dhabamuusaa
 - c) Caaffatoota Dhihoo keessatti bakke addaa addaatti in argama.
 1. Yoh. 7:36 booda
 2. Yoh. 7:44 booda
 3. Yoh. 7 25 booda
 4. Luq. 21:38 booda
 5. Luq. 24:53 booda
 - d) Jijjiirraa/Hiikaa/ durii irraas dhabamuu isaa
 1. Laatin durii
 2. Siyyaariikii (Syriac) durii
 3. Garagalcha (koppii) “peshitta” durii
 - e) Abbootii Giriik kamii iyyuu barreeffama kana irratti yaada hin kennine (hanga jar-2^{ffaa}tti)
 - f) “Codex” keessatti ni argama (Bezae), Caaffata nurratti dhidhimaa kan jaarraa

2. Ragaa keessaa (Internal evidence)
 - a. Hiikni jecha isaa Yohaannis caalaa Luqaasiin wal fakkaata. Caaffatoota Giriik keessatti kandabalame Luq. 21:38 boodaa fi kaan keessatti immoo 24:53 booda
 - b. Ayyaana Gordomaa 7:1-52; 8:12-59 irraa waliin hubannoo dubbii yesuusiin walitti bu'a.
 - c. Liichee Wangeelotaa (synoptic- Gaspels) waliin kan wal madaalu miti.
3. Marii Teekinikaawwaaf, Bruce M Metzger's' A Textual Commentary on the Greek New Testament, pp. 219-221 ilaali.

C. Ilaalchi kun jireenya Yesuusiirraa tarii aadaa daddaarbaa qulqulluu ta'e ta'uu ni mala. Haa ta'u malee ilaalchonni danuun jireenya yesuus kanneen barreessitoonni Wangeelaa barreessuu dhiisuuf filatan ni jiru (Yoh. 20:30-31). Barreessitootuma Wangeelaa ofii isaanii ture kan dadammaqan. Barreessitoonni booddee ilaalcha jireenya yesuus itti makuuf, kan biraa haa hauutii qulqulluu isaa dhugaa ta'uu Isaa, isa barreessitoota jalabaa dammaqaniin keessatti hin makamne itti makuuf mirga hin qabanu ture. Barreessitootuma jalqabaa qofaatu ilaalcha gaggeessaa Hafuura Quqlulluutiin hojiiwwanii fi dubbiiwwan Yesuus filuu sirreessuu fi madaqsuu qaba ture. Dubbifni kun isa jalqabaatii miti, akkasumas immoo sababuma kanaan kan dammaqiinsa argate waan hin taaneef Macaafa qululloota keenya keessatti makamuu hin qabamu!

D. Sababa inni galma Yohaannisirraa akka hin taane sababuma kanaanis dhagna kitaaba daddamaqee (sirumaayyuu otuu seena qabeessa ta'eeyyuu) hin amanneefi dubbisa kana irratti yaada kennuuf dhiisuuf filadheen ture.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 8:12-20

¹²Yesuus ammas namootatti dubbatee “Ani ifa biyya lafaati. namni ana duukaa bu’u ifa jireenyaa in qabaata malee, dukkana keessa hin deemu isaaniin jedhe ¹³ Kana irratti warri Faarisotaa “Ati ofiikeetiif dhugaa in baata dhugaan kees hin fudhatamu” jedhaniin. ¹⁴ Yesuus immoo deebisee “ofiikootiif yoon dhugaa ba’e iyyuu, Eessaa akkan dhufe, Eessa akkan dhaqu waanan beekuuf dhugaan koo in fudhatama isin garuu Eessaa akkan dhufu, Eessa akkan dhaqu, hin beektan ¹⁵Isin akka yaada namaatti faraddu, ani garuu nama tokkotti iyyuu hin faradu. ¹⁶ Ani yoon farade iyyuu firdiin koo dhugaadha. anoo kophaa koo miti. Isa ana erge abbaatu ana wajjin jira. ¹⁷Seera keessan keessatti immoo “Dhugaan namootni lama dhugaa ba’an in fudhatama kan jedhu caafamee jira. ¹⁸Ani ofiikootiif dhugaa nan ba’a abbaan inni ana erges anaaf dhugaa in ba’a” isaaniin jedhe. ¹⁹isaan immoo “Abbaanke eessa jira” jedhanii yesuusiin gaafatan. Yesuus immoo deebisee, Isin anas abbaa koos hin beektan ana osoo beektanii abbaa koo immoo in beektu turtan jedheen. ²⁰ Yesuus kutaa mana qulqullummaa iddoo qodaan buusii kaa’amutti dhiyoo taa’ee utuu barsiisuu dubbii kana dubbate. Yeroon isaa ammayyuu waan hin ga’iiniif namni tokkollee harkaan hin qabne.

8:12 “Yesuus ammas namootatti dubbatee” Danummaan isaanii boqonnaa kana keessatti hin eeramne. Yesuusi bakka kanatti of ibsuuf bishaaniin bakka of buusee dubbate.

Haa ta’uu malee, akkuma Yesuus ofii Isaa ibsuuf ayyaana kabaja bishaanii fayydametti, kutaa kana keessatti Inni ofii Isaa ibsuudhaaf ayyaanefannaa ibsaa ni fayyadama.

☐ **“Ani Ifa”** Boqonnaaleen 6, 7 fi 8 Ajibsoo Boosoo/wildness wandering) kan bara seenaa Israa’elootaa kan Yesuus bakka bu’insaan tajaajilanidha.

1. Boqonnaa 6 “Mannaa” fi “Buddeen jireenyaa”itti fayyadame
2. Boqonnaa 7 “Bishaanii” fi Bishaan jireenyaa”tti fayyadame
3. Boqonnaa 8 “Ifa” fi “Shekinah glory” tti fayyadame

Kan kuni sirnaan ibsu hubachuuf marii hedduuttu jiru.

1. Sodaa dukkanaaf dur-qaban.
2. Aankii KM keessatti Waaqayyoof oole. (cf. Far. 27:1, Isa. 62:20; 1Yoh. 1:5)

3. Duubee Faasikaa, Mana murtii Dubartootaa keessatti ifa bahuuf
4. Duumessa ulfinaan kan wal ibsan.
5. Aankii KM keessatti Masihummaa kenname (cf. Isa. 42:6; 49:6; Luq. 2:32)

Dureen Amantii Yihuudotaallee “Ifa” kan jedhu kana Masihummaa ibsuuf itti fayyadameera. Kabaja Ayyaana Gordomma irratti calaqqeen ifa guyyaa kan mana murtii dubartootaa irratti ba’es dubbii Yesuusiif yoomessa ifaa ta’eera. Ibsi masihummaa “Ifa” f tajaajilu. fi ibsi addaa 1:4;8 irra jiru kabaja Mana qulqullummaa keessatti kan ta’een wal qabatee dhugaa madda Yesuus ibsa.

Kunis hima “Ani” jedhu kan Yohaannis keessatti si’a torba caafame keessatti tokkodha.

1. Ani Buddeen jireenyaati (6:35,41,46,51)
2. Ani Ifa biyya lafaati (8:12;9:5; cf. 1,4,9, 12;46)
3. Ani tiksee balbala hoolotaati (10;7,9)
4. Ani tiksee gaarii/dhugaa/ti (10:11,14)
5. Ani du’aa ka’uu fi jireenya (11:25)
6. Ani karaadha, Ani dhugaadha, Ani jireenya (14:6)
7. Ani Wayinii isa dhugaadha (15:1,5)

Himni adda ta’e kun, Yohaannis keessatti qofa argamee kan Yesuusiin ibsudha. Yohaannis kallattii fayyinaa kana keessatti xiyyeeffannoo kenna. Nutis isatti amanuu qabna.

▣ **“Biyya lafaaf”** Jechi kun (kosmos, Mata duree addaa. 14:17 irraa ilaali. Innis wangeela Yesuus kiristoos kan guutummaatti ibsu dha (cf. 3:16).

▣ **“Namni ana duukaa bu’u”** kunis miirsoo si’aayina Ammeti. Kiristaanummaan, dursee seera tiyooloojiif osoo hin taane duuka bu’ummaa hariiroo haala jireenya tokkummaa kiristoos waliiniiti. (cf. Mat. 28:18-20; 1Yoh 1:7).

▣ **“Dukkana keessa hin deemu”** Kunis yaad-rimee seexanaa kan “Ija isaanii jaamsee” jedhu ibsuudha. (cf. 2Qor. 4:4). Kunis Ibsa KM Ergaa “Miila koof ibsaa daandii korrattis in ifa” jedhu dha (cf. Far. 119:105).

Kanneen ibsicha fudhatan ireenya adda ta’e jiraachuu qabu (cf. 1Yoh. 1:7)!

▣ **“Ibsaa jireenyaa”** yesuus jireenya waaqayyo fudhatee hordoftoota isaafis ni kenne. (cf. Mat. 5:14). Isaanis warra Waaqayyo isatti kenneefidha.

8:13 “faarisoota” mata duree addaa 1:24 irraa ilaali.

▣ **“Dhuga ba’umsi kee fudhatama hin qabu”** Yihuudoonni teekinika ragaa ba’uu ni labsu. (Dhuga baatotni lama akka barbaachisan; cf. Noh. 35:30 Kees. 17:6; 19:15-21) waanta qabatamaa ta’e kana irratti yesuus dursee dubbateera. (cf. Yoh. 5:31ff). Ragaalee hedduus kenneera. Haala kana keessatti, Dhuga baatuun isaa Abbadha.

8:14,16 “Utuu ... utuu” Kenneen lamaanuu Hima otola sadarkaa sadaffaadha. Haalotni boqonnaa “8” keessaa irra caalli isaanii gosa akkasiiti.

▣ **“Iddoon dhufe nan beeka: Iddoon dhaquuf jirus nan beeka”** Kunis lamummaa “Olii ol” kan agarsiisudha. Yesuus yaadannoo sammuusaa keessaa bakka ture irratti ni qaba. Kunis abbaa wajjin turuusaa Ergama isaa beekuu fi karoora raajummasaa jechuudha (cf. Yoh. 1:1-4; 14-18; 7:28-29; 13:1; 17:5).

▣ **“Isin garuu iddoon dhufee fi iddoon dhaqu hin beektani”** Kunis Boq. 7 wal qabachuu qaba. Bakka dhaloota Yesuus hin beekan ture (cf. 7:34-36; 8:21) Mata duree addaa “Dhugaa baatota Yesuus” jedhu 1:8 irraa ilaali.

8:15 “Akkuma alaan ilaalatanitti faraddu” Boqonnaa 7’n tokkodha Inni kunis dabalataan ibsa boqonnaa 7 ti (cf. w. 24). Mata Duree Addaa: Foon (sarx) 1:14 irraa ilaali.

▣ **“Ani nama kamittuu hin faradu”** Namootni tokko tokko Asitti walfaallessa Yoh. 3:17 fi 9:39 gidduu jiru ni argu. Yesuus firdiif osoo hin taane, jireenya kannuuf dhufe. Dhugaa dhufaatii isaa, warra falmanitti ni faradama (cf. 3:18-21).

8:16-18 Murtiif ragaan lama barbaachisuu isaa kan agarsiisudha. (35:30; Kees. 17:6; 19:15)

8:16

NASB, (1970)

NJB, REB “Inni Ana erge”

NASB, (1995)

NKJV, NRSV

NIV “Abbaan Inni Ana erge”

Akkuma walitti bu’iinsa maxxansoota lamaan NASB gidduutti uumamee, walitti bu’iinsi UBS^{3,4} gidduu ni jira.

1. UBS³ “Abbaadhaaf sadarkaa “C” ni kenna (MSP^{39, 66, 75}, κ², B, L, T, W)

2. UBS⁴ “Abbaadhaaf sadarkaa “A” ni kenna (MSS κ*, D, akkasuma immoo maxxansoonni durii booddee fi Syriac tokko tokko isa ni liqimsuuni.

Yesuus goniumaa kophaa miti! Tarii yeroo fannooratti fannifameen alatti (cf. Mar. 15:34). Abbaan yeruma hundumaa isaa wajjin jira (cf. ww. 16, 29; 16:32). Gammachuunii fi fiixaan ba’uun barbaachisummaa fayyinaati. Kaayyoo uumamaa Waaqayyof nama ta’e akka Isaa wajjin walitti dhufeenya qabaatuuf ture, kanaaf Inni (i.e. Kiristoos, cf. Yoh. 1:3; 1Qor. 8:6; Qol. 1:16; Ibr. 1:2) akka bifaa fi akkeenya YHWHtti isaan ni uume (cf. Uma. 1:26, 27). Walitti dhufeenya dhabuun adabbii cubbuuti. Kaafanni isaa galma ergama Yesuusi!

8:19 “Abbaan kee eessa jira?” Isaan yeroo sanatiyyuu dhagnaan ifumaan ifatti Yesuusiin hubachaa turaniiru. Sammuun isaanii inni oduu qabatamaa hin taaneefi of tulummaan guutame dhugaadhaaf cufamee ture (cf. w. 7). Hubannoo dhabuun kun amala Wangeela Yohaannis isa ifaan ifaati.

▣ **“Ana otuu beektanii, Abbaa koo immoo ni beektu turtan”** Inni kun SECOND CLASS CONDITIONAL SENTENCE dha. Inni yeroo baay’ee “dhugaadhaan faallaa” jedhamee waamama. “Ana otuu beektanii” isa hin beekne, sana booda “Abbaa koo immoo ni beektu turtan” isa hin beekne. Dhaamsi kun 5:37 irraa irra deebi’ame, yaadannoo guutuu 7:28 irratti ilaali. Wangeela Yohaannis tarree naquuf namatti ni ulfaata, sababni isaas inni akkuma afaan lafaa wantoota deebisanii qulleessanii ykn meeshaa guddaa yedalloo irra deebi’amee tokkooti.

8:20 “iddoo qodaan busii kaa’amutti dhi’oo taa’ee” Inni kun ifumatti yaada barreeffama dhuga ba’uumsa ijaa kan birooti. Iddoon qodaan busii kaa’amu gamoo adda ba’ee miti. Aadaan barsiisummaa Amantii fi seera Yihudii (shekalim 6) konteenaroonni bifa malakataatii kaa’aman kudha sadi, tokkoon tokkoo isaanii kaayyoo adda ta’eef kan mallatteeffaman, Mana murtii Dubartootaatiinkan argaman (cf. Mar. 12:41). Mana Qulqullummaatti ibsamaa turaniitti turan akka turan ni dubbatu.

▣ **“yeroon Isaa amma iyyuu waan hin ga’iniif”** 2:4 irratti yaadannoo ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 8:21-30

²¹Ammas Yesuus “Ani nana adeema, isin Ana barbaaduuf jirtu; iddoo ani dhaqus dhufuu hin dandeessan. Kanaaf, cubbuu keessaniin ni duutu” jedhee isaanitti dubbate. ²²Kana irratti Yihudoonni warri Yesuusiin morman, “iddoo Ani dhaqu dhufuu hin dandeessan erga jedhee, of ajjeesinnaa laataa?” jedhan. ²³Inni immoo “Isin kan godoo kanaati, Ani immoo kan gubbaa sanaati, isin kan biyya lafaa kanaati, Ani garuu kan biyya lafaa kanaa miti. ²⁴Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera, Ani eenyu akkan ta’e beektanii yoo amanuudhaabbattan cubbuu keessaniin ni duutu,” isaaniin jedhe. ²⁵Kana irratti isaan “Egaa eenyu ati?” jedhanii Isa gaafatan; Yesuus immoo “Maaliifan waan akkasii isinitti dubbadha ree? ²⁶Ani waa’ee keessaniif kanan dubbadhu kanan faradus waan baay’een qaba; Isa Na erge irraa waanan dhaga’e, biyya lafaatti nan dubbadha; Inni Ana erges dhuga qabeessa” jedhee isaanitti hime. ²⁷Isaan garuu waa’ee isanitti hime. ²⁸Kanaaf Yesuus, “Ilma Namaa kana erga muka irratti ol fuutanii, eenyu akkan Na barsiise akkan dubbadhu malee, ofiin homaa akka hin hojjennes ni hubattu. ²⁹Inni Ana erge Anaa wajjin jira; Ani yeroo hundumaa kan Isa gammachiisu waan Ani hojjedhuuf, Inni kophaatti Ana hin dhiifne,” isaaniin jedhe. ³⁰Yesuus kana yommuu

8:21-22 “Iddoo Ani dhaqu dhufuu hin dandeessan erga jedhee, of ajjeesinnaa laataa?” Gaaffiin waraabii :2 deebii “lakki” jedhu ni eega. Hammamiiyyuu isaan ibsa Isaa hubachuu baatanillee (cf. 7:34-36), isaan du’a Isaa wajjin walitti fiduu isaanii dubbisicha irraa ifumatti ni mul’ata. Yosefas (Josephus) irraaof ajjeessuun gara iddoo du’aa (si’ool) kutaa gadi aanaatti balaalfamu isaa ni baranna. Gaaffiin isanii ifumatti isa inni kun iddoo Yesuus ta’uu qaba jedhanii yaadani ture.

8:21 “cubbuu keessaniin hin dandeessan” Inni kun jechumaafi jechatti cubbuu keessan keessaan isin ni duutu jechuudha. Jechi “cubbuu” jedhu w.21 keessatti LEEXAA akkasumas immoo w. 24 keessatti DANEESSAADha. Inni kun ifumatti diddaa Yesuus akka Kiristoositti fudhachuu isaanii ni argisiisa (cf. w. 24). Inni kun dhugumatti cubbuu Wangeelota walfakkaatanii dhiifama hin arganneedha. Dura buutonni achitti Yesuus akka dubbii fi mallattoo Isaa irraa argamuu ibsaa guddaadhaan ni mormani.

Gamaagamna koo Maarqosirratti kenne irraa yaadannoowwan armaan gadi ilaalaa.

Mar. 3:29 “Eenyu illee Hafuura Qulqulluudhaan mormee Isa irratti yoo dubbate” Inni, kun yoomessa seena qabeessa Penxeqostee duraa isaa keessatti kan hubatame ta’uutu isaaf ta’a. Inni miira dhugaa Waaqayyoo fudhatamuu diduu keessaan faayidaarra oolee ture. Inni ibsaa ulaagaalee itti aanuun kan hiikamuu qabu ta’uu qaba.

1. buufatoota Kakuu Moofaa keessaa “cubbuu itti yaaddamee hojjetamuu” fi cubbuu itti yaaddamee hin hojjetamne gidduu jiran (cf. Lak. 15:27-31).
2. dubbisa kana keessatti amantii dhabuun maatii dhuunfaa Yesuus amantii dhabuu warra Fariisotaa wajjin wal bira qabameera.
3. ibsa dhiisuu w. 28 keessaa
4. garaagarummaan cinayyaa Wangeelaa gidduu jira, addumatti jijjiirama “Ilma namaa”tii (cf. Mat. 12:32; Luq. 12:10) gar “ilmaan namootaatti”dha (cf. Mat. 12:31; Mar. 3:28).

Ibsaa armaan oliitiin, cubbuun kun namoota kanneen, argamuu ibsaa guddaatiinii fi hubannaatiin, amma iyyuu Yesuus akka hiika mul’ataa fi fayyina Waaqayyooitti fudhachuu ni dhiisu. Isaan ifa Wangeelaa gara dukkana seexanaatti ni jijjiiru (cf. Mar. 3:30). Isaan qajeelchuu fi cimsuu Hafuurichaa ni didu (cf. Yoh. 6:44, 45). Cubbuun hin dhiifamne Waaqayyoon fudhatamuu dhiisuu miti, sababni isaas gochaan ykn jechi leexaan tokko tokko, garuu immoo itti fufeenyaa, Kiristoos keessaan Waaqayyoon fedha amantii dhabuutiin guutummaan fudhachuu diduu itti fufuudha (i.e. caaftootaa fi Fariisota).

Cubbuun kun warra kanneen Wangeelaan da’oo hin qabne qofaadhaan kan hojjetaman ta’uu ni danda’u. Kanneen waa’ee Yesuus ifumaan ifatti ergaa dhaga’an irra jireenyaa diddaa isaatiif itti gaafatamtoota. Inni kun keessattuu aadaawwan hammayyaa kanneen wangeelichaaf carraa itti fufeenya qabu qabani, garuu immoo Yesuus fudhachuu didan (i.e. Ameerikaa, aadaa dhihaa) keessatti dhugaadha.

8:3 “Isin kan godoo kanaati, Ani immoo kan gubbaa sanaati” Inni kun fakkeenya Yohaannis irraaf gadii wantoota lamaa kan birooti (i.e. gadii fi gubbaa, cf. 7:35-36; 18:36).

Walbiraa qabuun Yohaannis Yesuus isa gubbaa (olii) dhufee fi warra Yihudootaa kanneen gadii dhufan gidduu jiru, wantoota lama wal bira qabaman Wangeelota gidduutti adda ta’an ni qajeelcha. Wangeelonni wal fakkaatan/Maatewos, Maarqos, Luqaas) baroota Yihudootaa lamaan bara hamaa ammaa fi baraa qajeelummaa egerii wal bira ni qaba. Garaa garummichi jecha wantoota lama cinaadhaan wal bira qabamanii fi irraa gadee wal bira qabamanin kan ibsameedha. Yesuus lamaanuu iddoowwan addaa addaatti barsiisee turee? Tarii Wangeelonni wal fakkaatan barsiisota Yesuus ummata keessaa galmeessuu danda’u wayita Yohaannis, barsiisa dhuunfaa Yesuus bartoos barsiise galmeessetti.

▣ **“Isin kan biyya lafaa kanatti”** Biyyi lafaa Aboo Afuura hamaa sanaan seerratamteetti (cf. 2Qor. 4:4, Efe. 2:2 fi 1Yoh. 5:19). Biyya lafaa kan jedhuuf mata duree addaa 14:17 irraa ilaali.

▣ **“Yoo Amanuudhaa baattan”** Kunis Hima otola sadarkaa sadaffaa kan gocha cimaa agarsiisudha.

▣

NASB, NKJV “Akkan isa ta’e ni amantu”
NRSV, JB “Ani isaa amanaa”
TEV “Eenyu akkan ta’e amanaa”
NJB “Ani isaa amanaa”

Inni kun ibsoota ciccimoo keessaa uumama Waaqummaa Isaa ofii Isaatii of hubachuu Yesuus iss tokkoo ta'uu kan danda'uudha (ykn inni dubbisa keessatti "Masihichi" kan eeramuu ta'uu isaa wanta danda'amuudha). Inni Aankii KM. YHWH. tti gargaaramuun haala itti Yesuus of hubatee of ibsedha. (cf. "Ani" Ba'u 3:14). Kunis "Ani" kan Yoh. keessatti beekame irraa addadha. Inni kun hordoo (predicate) hin qabu. (cf. 4:26, 6:20; 8:24,25,58;13:19;18:5,6,8.). Mata duree addaa Ittifayyadama Yohaannis "Amanuu" 2:23 irraa illai.

8:25 "Ati eenyuu" Abbootiin seeraa warra Yihuudotaa karaa ittiin "Arrabsee" jedhanii isa qabatan barbaadu. (cf. Mat. 26:57-68; Mar.14:53-65) Isaan odeeffannoo irraa argachuuf osoo hin taane. Qormaataaf Afaan eeganii ittiin qabachuuf ture.

Yesuusis Ifumatti Yoh. keessatti ofis ta'ee Hojii isaa ibseera. Jechi fi Hojiin isaa aboo waaqummaa isaa agarsiisan.



NASB "Duraan dursee waantin sinitti dubbadhe maalinni"

NKJV "Isan dursee jalqabumatti isinitti dubbadhe"

NRSV "Maafa waan akkasii isinitti dubbadheree"

TEV "Isuman dursee isinitti dubbadhe"

NJB "Isuma osoo Aduun hin dhisiin isinitti dubbadhe"

Qoqqooddii Jechaati malee, garga ba'iinsi jijjiirraa isaan garaagarummaa caaffata qulqullaa'oo wal hin qabatu. Kanaafuu ergoonni Giriikii jechoota kanneen dubbisa wajjin mijaa'an uumuuf iddoowwan addaa addaatti qoodamuu ni danda'u. Addaan qoodamanii adda addaa ba'uun hiikkaa garaagarummaa barreeffamootaa wajjin walitti kan firoomee miti; qoodamuu jechaati malee" Filannoowwan kunooti.

1. *hote*"jalqabaa isinitti himeera: (NASB, NKJV, TEV,NJB, NIV)

2. *ho ti* akka jechama seemetikii dhiipisiifamaatti "Kanneen yeroo hundaa isinitti dubbadhe" (NRSV, TEV).

Yesuus Durumaan dursee waan tureef, kanas yeroo hudduu isaanitti dubbateera. Jechi "Jalqaba" (dur) jedhu hiikoo beektota torbaatamaa keessattis Uma. 1:1 irratti tajaajileera.

8:26-27 Ergaan kun Yohaannis keessatti Xiyyeeffannoof irra deddeebi'amee dubbatameera.

1. Abbaatu na erge (cf. 3:17,34,4:34;5:36,38;6:29,44,47;7:28-29;8:16,26,42; 10:36;11:42; 12:49; 14:24;15:21; 17:31,8,21,23,25,20:21)

2. Abbaan Amanamaa (dhugaa) dha. cf. 3:33; 7:28)

3. Barsiifni Yesuus abbaa biraa dhufa. (cf. 3:11; 7:16-17; 8:26,28, 40:12:49)

4. Yesuus Abbaa mul'iseera (cf. 1:18; 8:26-29; 12:49-50; 14:7,9)

▣ **"Biyya lafaa"** yaadannoo 1:10 irra jiru dubbisi.

8:28 "Ilma namaa kana erga muka irratti ol fuutanii" Kunis Ibsa kakuu moofaa SR.Lak. 21: 4-9 irraa kan Yoh. 3:14 irratti ibsamedha. jechi kun hiika lama qaba Innis. "Ol fuudhuu" fannoo irratti kan ta'u (cf. 3:14;12:32,34). fi Isa ajjeesuuf labsii labsanidha. Yesuus akka du'aa jiru in beeka (cf. Mar. 10:45).

▣ **"Ilma Namaa"** Kunis filannoo isaatiin kan Iyyasuus ittiin of waamaa ture. Sababni isaas, yaadrimee Namummaa (His. 2:1; Far. 8:4) fi Waaqummaa (cf. Dan. 7:13)'n wal waan qabachiisee of ibsuu barbaadedha.

▣ **"Akkan isa ta'e Isinuu in beektu"** duuka-buutota isaallee taanaan Hanga Afuurri qulqulluun (pentecost) bu'etti isa hin hubanne. (u:39)

Hafuurichis Humna ija banu waliin warra ijaa fi gurra Afuura qabaniif dhufe! Isaanis:-

1. Akka isa ta'e beeku (i.e Masihicha)

2. Akka inni abbaa ibsu beeku (cf. 5:19-20)

3. Innii fi abbaan tokko akka ta'an beekuu (Lak. 29)

8:29 "Inni kophaatti nandhiisu" Kunis duuka bu'ummaa (tokkummaa) Fannoo irratti akka hin jirre fi ulfaataa ta'e ibsa. (cf. Mar. 15:34)

8:30 “Namootni baay’een isa amanan” Jecha “amanan” jedhu keessatti heddumina guddaatu ergaa kanaan wal qabatee jira. Isaanis “Masihicha” ta’uu isaa hubannoo isaanii irratti hudaa’anii beekaniiru. Halli 8:30-58 irra jiru. Jarri kun guutuu maatii amantoota dhugaa akka hin taane nutti argisiisa. (cf. 2:23-25). Yohaannis keessas gulantaawwan Amantaa adda addaatu jiru. Hundinuu gara fayyinaatti dhufuu hin danda’u. Mata duree addaa 2:23 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 8:31-33

³¹Yemmus Iyyasuus Yihuudota warra isatti amananiin **Dubbii kootti qabamatanii yoo jiraattan egaa isin dhuguma bartoota kooti.** ³²Dhugicha in hubattu dhugichis birmaduu isin in baasa” jedhe. ³³Isaan immoo deebisaniifii “Nuyi sanyii Abrahaam, nuyi nama tokkoof iyyuu takkaa garba hin taane, Attam “warra birmaduu ba’an in taatu jettaree” jedhan.

8:31 “Yoo itti qabamtanii jiraattan” kunis Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan gocha cimaa argisiisudha. Kunis xiyyeeffannoon isaa Amantii itti fufiinsa qabu kan “Yoh. 15” irraarrattidha. Kunis labsii babalissuu wangeelaa keessatti qabxii hirraanfatumudha. Sagalichi amanamuu qaba (cf. 5:24) Kabajamuu qaba, Ittiin jiraachuu barbaachisa. Mata duree addaa “Ittiin Jiraachuu”jedhu 1Yoh. 2:10 ilaali.

MATA DUREE ADDAA: BARBAACHISUMMAA WAANTA DURSEE AKEEKKEE

Seeloon Wangeelaa jireenya kiristaanummaa ibsuun kan ulfaatu ta’uun wal qabata. Sababni isaas Loog-cimdii (dialectical pair) warra bahaa waan wal hiriirsuufidha. Warri dhihaa dhugaa tokko yoo fudhatan dhugaa isa biroon immoo ni mormu. yeroon ibsamus:-

- A. Yesuusitti amanuuf Fayyinni murtee jalqabaati moo jireenya duuka bu’ummaan boodaati?
- B. Fayyinni Filannoo ol-aantummaa waaqayyoon taumoo, deebii dhalli namaa karaa amantii fi qalbi diddiirraanaan ta’udhaa?
- C. Fayyinni tokkicha fudhatamee, kan hin gatamne, kan itti fufiinsa baatamudhaa?

Rakkoon dhugaa KHf ergaasaan walitti bu’an jiru.

A. Barruu Mirkaneessuu irratti jiru.

- 1. Jechoota Yesuus (Yoh. 6:37:10:28-29)
- 2. Jechoota Phaawuloos (Room. 8:35-39, Efe. 1:13;2:5; 8-9; Fil.1;6:13; 2Tas. 3:3; 2Xim. 1:12; 4:18)

B. Barruu Barbaachisummaa Akeeka jalqabaa irratti jiran.

- 1. Jechoota Yesuus (Mata. 10:22; 13:1-9,24-30;24:13; Mar. 13:13; Yoh. 8:31; 15:4-10; Mul. 2:7,17,20,3:5,12,21)
- 2. Jechoota phaawuloos (Rom. 11:22; 1Qor. 15:2; 2Qor. 13:5; Gal. 16,3:4; 4:4;6:9; Fil 2:12; 3:18-20; Qol. 1:1:23)
- 3. Jechoota Yohaannis (1Yoh. 2:6;2Yoh. 9)
- 4. Jechoota Abbaa (Mul. 21:7)

Fayyinni wangeelaa kan argamu jaalalaan, Gaarummaan, fi Arjummaa sadan waaqa tokkoonidha. Kaka’umsa Afuuraa ala namni tokko fayyuu hin danda’u. (cf. Yoh. 6:44,65) Waaqayyotuu dursee dhufee haala mijeessa, garuu dhalli namaa immoo Amantii fi Qalbi diddiirraanaan deebii kennuu qaba. Hariiroo kakuutiin waaqayyoo dhala namaa wajjin hojjeta. Ol aantummaa fi itti gaafatamummaan is ni argama. Fayyinni nama hundaaf kenname waaqayyoos namoota hunda, bifasaa warra qabaniif karaa fayyinaa kenneera. Yesuusis cubbuu uumama kanaaf du’e.

Irra caalaa Hubachuuf kanneen armaan gadii dubbisi!

- 1. Dale Mood, The word of Truth, Eerdmans, 1981, (fuula 348-365)
- 2. Howard Marshall, kept by the power of God, Bethany Fellowship, 1969
- 3. Robert Shank, Life in the Son, Westcott, 1961

Bakka kanatti wangeelli rakkoodha jedhee kan kaasu, 1) Mirkanaa’ina akka ragaa (license) tti ija dhabuu, jireenya ofittummaa, fi 2) Namoota cubbuu hojjetan jajjabeessuudha, kiristaanotni hedduun jajjabina barbaadu, warri kaan immoo seeratti (warniing) barbaadu. Ati garee isa kamiitii?

▣ **“Sagalee kootti, Duuka buutota/bartoota/koo dhugaa ni taatus”** Yesuus xiyyeeffannannaa isaa jireenya ofii keessatti Abboomamuudha. (Abboommiisaaf, Lak. 51,52,55,14:15:21,23,24;15:10,20;17:6; Luq. 6:46; 2Yoh.9) Jechi kunis jecha Ibirootaa “Shema” kan “akkuma dhageessanitti godhaa”/ to hear as to do/ i.e kees. 6:4-6).

8:32,40,44,45,46, “Dhugicha” Yaadrimeen ijoo ta’edha. Jechi kun hiika lama qaba.

1. amanamummaa./Trust worthiness/

2. Dhugaa fi sobummaa (sobdhugaa).(Truth versus falsehood).

Hiikni lachuu dhugaa jireenyaa fi Hojii yesuusidha. Sirrummaan (facts), Sirrummaan dhugaa ta’ellee, bilisa nama hin baasu. (cf. Lak. 1:18). Mata duree addaa “Dhugaa” jedhu 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

8:32 “Birmaduu isin baasa” Amantootni seera jalaa bilisa, Amantootni birmaduu ta’anillee, ammayyuu taanaan wangeelaaf jedhanii of daangessuu qabu.

(Rom 14:1-15:6; 1Qor. 8-10)

8:33 “Nutii Sanyii Abrahaam, Nama tokkoofiyyuu nuti garba hin taa’e” Kun of tuulummaan jaamanii hubannoo dhabuudha malee Ijibtiif, Siiriyaaf, Baabilooniif, Peershiyaaf, Giriikiif fi Roomaaf garba hin turre.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 8:34-38

³⁴Kana irratti yesuus “Dhuguma, dhuguman isinitti hima, namni Cubbuu hojjetu hundinuu Garbicha cubbuuti. ³⁵Garbichi barumaan iyyuu maatii Gooftaa isaatti hin lakkaa’amu, Ilmichi garuu Yoomiyyuu maatii abbaa isaatti in lakkaa’ama. ³⁶Ilmichi yoo birmaduu isin baase, egaa isin warra birmaduu baatanidha.. ³⁷Isin sanyii Abarahaam akka taatan ani beeka. Haata’uyyuu malee dubbiin koo isaan keessatti hundee waan hin godhatiiniif, ana ajjeesuu in barbaaddu, ³⁸Ani isa abbaa koo biratti argen dubbadha. Isin immoo isa abbaa keessan irraa dhageessan in hojjetu” isaaniin jedhe.

8:34 “Namni cubbuu hojjetu hundinuu garbicha cubbuuti” Yesuus Gaalee “Birmaduu ba’aa” jedhu kan lakk. 32 kan Himni lak. 33 hubannoo dhabuu isaanii argisiisuuf dhugaasaa hubachiisuuf, dhugaa Afuura isaanii gara kanaatti fiduuf yaale. Ibsi kun himatamuuwwan Yesuus w. 21 fi 24 keessaa wajjin walitti kan firoomuudha. Balaaleffannaa Isaa duuka buutoota qarqara jedhanii kun ww. 44-47 keessatti faayidaarra ooleera.

Akkuma Frank Stagg *New Testament Theology* keessatti ibsetti, “Ciigoon waadaa galuu namootaa inni walitti hidhata qabu bu’aa carraaqii bilisa ta’uuf gochuudha (cf. 32).

GOCHIMICHA asirraa PRESENT ACIVE PARTICIPLE, “gochuu” isa cubbuu itti fufeenya qabu ibsuudha. Cubbuun itti fufeenya qabu hiikni isaa isa namni tokko dhugicha (Yesuus) hin beeku ta’uudhaaf ragaa ni ta’a. Dhugaa walfakkaataan kun GOCHIMOOTAA cubbuu hojjechuu itti fufuu 1Yoh. 3:6, 9 keessatti Cubbuun akka 1 Yoh. tti amantii dhabuudha PRESENT TENSE fayyadamuudhaan ibsameera!

Gaaffiin jiru “Amantoonni amma iyyuu cubbuu ni raawwatuu?” Kan jedhuudha. Deebiin sun “eeyyee” ta’u qaba (cf. Rom. 7 1ffaa Yohaannis). Kiristiyaanoonni cubbuu wajjin qabsaa’u, garuu immoo warri badan isatti ni gammadu akkasumas immoo isa hin hubatani!

Macaafni quqlulluun NET (lakk. 1921 #21) cubbuun yaada qabiyyee cubbuu Yohaannis keessaa “amantii dhabuu (cubbuu dhiifama hin arganne) ta’uu isaa yaada gaarii itti ni dabala. Inni kun qabiyyee dubbisaa naamusa qabuu miti, garuu immoo qabiyyee dubbisaa fayyinaatti amanuu”dha. Cubbuun 1Yohaannis keessaas dabalataan amantii dhabuu (cubbuu gara du’aa nama geessuu)dha!

8:35 Luqqisiin kun kallattuma kan lak. 34’n wal qabatu osoo hin taane kan lak. 36’n wal qabatu dha. (cf. Ibr. 1:2; 3:6; 5:8; 7:28).

▣ **“bara baraan”** Mata duree addaa 6:58 irra jiru duubisi.

8:36 “Yoo” Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan Humna cimaa dubbachuu galedha.

8:37 “Ana Ajjeeuu in barbaaddu” (cf. 5:18; 7: 1; 19; 8: 37; 40; 11; 53)

▣ **“Dubbiin koo isin keessatti hundee waan hin godhatiiniif”** Gaaleen kun miira garaagaraan hubatamuu danda’a. Qorannoon nu gargaara jijjiirraa wangeelaa jaarraa Digdammaffaati.

1. Dubbiin koo isin keessatti bilisummaa akka fedha ofii waan hin ennineef” - American Standard Version.
2. “Isin keessatti hundee waan hin godhanneef” - The New Testament by Henry Alford
3. “Isin gidduutti waan fudhatama hin arganneef” - The New Testament: A New Translation by James Moffatt
4. Waan isin keessatti bakka dhabeef - The Emphasized in New Testament: A New Translation by J.B.Rothkehen.
5. Waan Dubbiin koo isin keessatti bal’cka/kutaa/boqonnaa dhabeef. - The Four Gospels by E. V. Rieu.

Kunis Dhimma Fayyinaati malee cimina Haamlee miti!

8:38 “Kanan arge” “Abbaa” inni dursee eerame Aadaa Yihuudotaa keessatti ragaa cimaadha. (cf. Isa. 29: 13) garuu, Lak. 41-44 kan jiru dhimmi isaa Seexanaan wal-qabata. Gocha, kak’umsaa fi dubbii isaaniin, Musee waan cimsan fakkeessanii ibsu. Dhugaan isaa, qajeelfama Afuura isaanii (dadhabbi) ibsa. Hubannoon biroo kan gaalee kanaan walqabatus ni jira.

1. Ragaa/wabiin/ lamaanuu “Abbaa”f ta’an “YHWH” ibsu.
2. Gochimni kun Oliinsoo (Imperative) malee Agarsiistuu (Indicative) miti.

(Bruce. M. Metzger, A Textual –Commentary on the Giritik MT.” fuula 225, ilaali)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 8:39-47

³⁹Yihudoonni immoo “Abbaan keenya Abrahaam” jedhanii deebisaniif, Yesuus garuu deebisee “Ijoollee Abrahaam utuu taatanii, hojii Abrahaam Hojjete in hojjetu turan. ⁴⁰Ani dhugicha isa Waaqayyoo irraa dhaga’ee isinitti himeera. Isin garuu ana nama akkasii ajjeessuu barbaaddu; Abrahaam akkas hin hojjenne. ⁴¹Isin hojii abbaa keessanii in hojjetu” isaaniin jedhe. Isaan immoo nuyi abbaa hin beekkamnetti hin dhaalamne, Nuyi abbaa tokkicha qabna, Innis Waaqayyodha” jedhaniin. ⁴²Yesuus deebisee, “Waaqayyoo utuu abbaa keessan ta’ee, Ana in jaalattu turan, Anoo Waaqayyoo keessaa ba’ee, dhufeen as jira; Isatu ana erge malee, Ani ofiin hin dhufne, ⁴³Maaliif akka ani itti dubbadhu hin hubattan? Dubbiin koo dhaga’uu waan hin dandeenyeef hin hubata. ⁴⁴Isin kan abbaa isa tokko kan Seexanaati. Kajeellaa hamaa isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture. Dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabbanne, Inni sobaadha. Abbaa sobaatis. Kanaafu yemmuu sobu isa garaa isaa keessa jiru in dubbata. ⁴⁵Ani garuu isa dhugaa waanan isinitti dubbadhuuf ana hin amantan. ⁴⁶Isin keessaa cubbuudhaaf ka nana ceepha’u eenyu? Isa dhugaa yemmuun dubbadhu immoo maaf hin amantan! ⁴⁷Kan Waaqayyoo inni ta’ee, Dubbiin Waaqayyoo in dhaga’a. isin immoo kan waaqayyoo waan hin ta’iiniif dubbii isaa hin dhageessan” jedhe.

8:39 “Abbaan keenya Abrahaami” Yesuusis, Fooniin Abrahaam irraa dhufuu isaanii ibsee, garuu amalaan sanyii warra seexanaa ta’uu isanii hubachiise. (cf. Lak. 38, 44) Eenyummaa Sanyii Waaqayyoo wajjin qajeelota isaan hin goone (cf. Kees. 6:5, 13; Rom. 2:28-29, 9:6).

▣ **“Utuu”** Hima otola sadarkaa Tokkoffaadha unka isaaniin, garuu, Hima Otolaa sadarkaa lammaffaatti tajaajila. (cf. Lak. 19 fi 42). “utuu Ijoollee Abraham taatanii” jechuun “Isin Ijoollee Abrahaam miti” jechuudha. “waan Abiraam hojjete ni hojjetu turtan” jechuun garuu hin hojjenneef malee” jechuudha.

8:40 “Namicha” Yesuus ofiisaa qofa akka bakka bu’aa “YAHWH”tti, “YHWA” waliini Aboo waaqummaa wal qixa ta’ee akka waan qabuuttis of hin isaallee, garuu akka nama dhugaa tokkootti of ilaale. Kunis barsiisotni sobaa warra “Gnostic” tamummaa jiraataa “Afuuraa fi foonii” irratti ilaalcha qaban ibsa (1Yoh. 1: 1-4; 4:1-4).

MATA DUREE ADDAA: JINOOSTIZIM/GNOSTICIM

- A. Beekumsi nutti dhaalle irra caalli isaa Barreeffamoota “Gnostic” kan jaarraa 2^{ffaa}ti, Ta’ullee yaadni isaa kan T. ^{ffaa} keessa turee fi kan barreeffamoota Yohaannis keessa turedha.
- B. Rakkoon Efesoon, (Ixim) Krite (cretc) (Titao) fi Qalaasiyaas gosa lama kan “Gnosticism” fi Seeraa’ummaa Judizima walkeessa itti fayyadamuudha.
- C. Jaarraa 2^{ffaa} keessa Barsiisotni Sobduu (Gnosticism) warra Vaalontaayinii fi serintian (cerinthian) kan isaan barsiisaa turan.

1. Waantotni (matter) fi Afuurri waliin kan barabaraan jiraatan: matter= Afuura hamaa (godhee) fi Afuurri= gaara kan ta'e.
 2. Gulantaan Ergamummaa waaqayyoo fi waantota hameenyaa gidduu jiraachuu.
 3. Yesuus, sadarkaan ol-aanaa ta'ee, kan akka ergamaatti ilaalamu, garuu waaqayyo isa dhugaatti kan dhiyeenya qabu ta'uusaa.
 4. Fayyinni karaa dandeettii addaa fi Yesuusiti amanuun argama jedhu.
- D. Barsiisotni Sobduu warra “Gnostic” waantota faallaa Sirna Amilsoo (Ethical) ta'an lama ibsu.
1. Nama; murtoofii, haalli jireenyaa Fayyina wajjin takkaa wal hin qabatu. Hicciitii beekumsaatiin ergamootaan kennameef jedhu.
 2. Warri kaanis, Haalli jireenyaa Fayyinaaf baay'ee barbaachisaadha. Haalli jireenyaa ragaa fayyina dhugaan ilaalu (cf. 2:16-23)
- E. Kitaaba wabiif, gaarii kan ta'e, The Nag Hammadi Library by James M. Robinson and Richard Smith.

8:41

NASB, NKJV

“Nutu Abbaa hin beekamnetti hin dhalanne”

NRSU'

“Nutu Ijoollee Diqaalaa miti”

TEV'

“Nutu Ijoollee dhugaati”

NJB'

“Nutu diqaalaan hin dhalanne”

Yihuudonni Sadoonii kana yoo dubbatan Yesuus ilma diqaalaa kan dhiiga guutuu Yihuudota irraa hin qabne ta'uusaa ibsuufidha. Barsiifni duree Amantii Yihuudotaas, Yesuus Loltuu warra Roomaa tokkorraa dhalate” jechuun boodarraa ibseera.

▣ **“nutu Abbaa tokko qabna, Innis Waaqayyodha”** Kunis Tokkummaa (monoth eism) bara kakuu moofaa ibsa (cf Kees. 4:35; 39; 6: 4-5).

▣ **“nuyi Abbaa tokkicha qabna, Innis Waaqayyoodha”** Ibsi kun Waaqa tokkotti” amanuu Kakuu Moofaa isa cimaa (cf. Kes. 4:35, 39; 6:4-5) jechoota abbummaa keessatti ibsaman ni calaqqisiisa (cf. Kes. 32:6; Isa. 1:2; 63:16; 64:8). Asirratti yaadni wal malqamuun ni jira ture, dura buutonni Yihudootaa kunniin tokkummaa Waaqayyoo (cf. Kes. 6:4-5) fi Seera Muuseetiif abboomamuun walitti dhufeenya gaarii Waaqayyoo wajjin jiru akka fideef (cf. Kes. 6:1-3, 17, 24-25) mirkaneessanii turani. Yesuus Waaqayyo ta'uu Isaa ibsuuf dhufe! Yesuus Waaqayyo wajjin sirriitti dhaabachuun gocha seeraa irratti kan hin hundoofne, garuu immoo amantii dhuunfaa Isatti amanuu fi beekaa duubatti harkifachuun wanta hubatamuudha, garuu immoo asirratti iddoo Waaqummaanii fi ilaalchi Hafuura fi hojiin Waaqummaa hundaa olii Yesuus amantii kan fiduudha!

8:42 “Utuu” Hima Otolaa sadarkaa (lammaffaa kan dhugaa jirutti faallaa ibsudha. “Osoo abbaan keessan Waaqayyo ta'ee”, garuu miti, Manaa jallattu “garuu nan jaallanne” jechuudha (cf. lak. 47).

8:43 “Dubbiikoo waan hin dhageenyeeff” kunis Afuuraan isa simachuu fi Hubannoo dhabuu isaanii ibsa. Garra Afuura hin qabani (cf. Isa. 6: 9-10; Mat. 11:15; 13:9, 15-16, 43; Mar. 4: 9, 23, 7: 16; 8: 8,; Luq. 14: 35, Hoer 7: 51; 28: 26-27).

8:44 “Isin kan abbaa isa tokkoo kan seexanaati” kun geggeessitoota amantii bara sanaaf qaani guddaadha! (cf lakk. 47). Yaad-rimeen kunis amala jechama Ibirootaa “Ijoollee ...” jedhu ibsa. (cf. Mat. 13:38; Hoer 13:10; 1Yoh. 3: 8, 10). “Seexana” kan jedhuuf mata duree addaa 12: 31 irra jiru dubbisi.

▣ **“Durumaa jalqabee nama ajjeessaa ture”** kunis Xiyyeeffannoon isaa barabaraan jiraachuu “seexana” ibsuuf miti, garuu, Afuura Addaamii fi Hewaan bofa keessa goruun qore ibsuufidha. (Uma. 3).

8:46 “Isin keessaa Cubbuuf kan na ceepha'u eenyu” kunis haala galumsaa dhuga ba'umsa sobaa ibsa. Seexanni sobaa ta'uu fi Yesuus dhugaa dubbachuu isaati. Cubbuu cimaan Amanuu dhabuu dha (cf. 16:9).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 8:48-59

⁴⁸Yihuudoonni immoo deebisanii “ati nama Samaariyaati, hafuurri hammanis si keessa jira sin jechuun keenya qajeela ture mitii? Jedhaniin. ⁴⁹Yommus Yesuus “Ana keessa hafuurri hamaan hin jiru, Ani abbaakootiifan ulfina kenna isin garuu ulfina na dhowwattu. ⁵⁰Ani ulfina mataa kootii hin barbaadu, kan isa barbaadu, warra isaatiifis kan faradu tokko jira. ⁵¹Dhuguma, dhuguman isinitti hima “Namni dubbii koo eegu barabaraan hin du’u” isaaniin jedhe. ⁵²Kana irratti Yihuudoonni “Amma akka Hafuurri lamaan si keessa jiru hubanneerra Abrahaam du’eera, raajotnis du’aniiru, Ati immoo namni dubbii koo eegu barabaraan hin du’u jetta, ⁵³Ati egaa abbaa keenya Abrahaam isa du’e irra in caaltaaree? Raajotnis du’aniiru, ati eenyu of seete?” jedhaniin. ⁵⁴Yesuus immoo offiikootiif ulfina nan kenna yoo ta’ee ulfinni koo humaa miti, Abbaan koo inni ulfina anaaf kenne jira. Isin iyyuu inni Waaqayyo keenya in jettu. ⁵⁵Haata’uyyuu malee isa hin beektan; ani garuu isa nan beeka. Isa hin beeku yoon jedhee akkuma keessan sobduu nan ta’a. anoo dhugumaan isa beeka dubbii isaas nan eega. ⁵⁶Abbaan keessan Abrahaam guyyaa koo arguuf waan tureef, gammaachuun isa eeggata, guyyichas argee itti gammade” jedhe. ⁵⁷Kana irratti Yihuudoonni “Ato Waggaa shantama iyyuu hin guunnee eessaa Abrahaamiin argite? Jedhaniin. ⁵⁸Yesuus immo deebisee “Dhuguman isinitti hima Abrahaam utuu hin dhalatiin iyyuu ani jiran ture” jedheen. ⁵⁹Yemmus Yihuudoonni Yesuusitti darbachuudhaaf, dhagoota funaannatanii inni garuu of dhoksee mana qulqullummaa keessaa ba’ee adeeme.

8:48 “Ati Samaariyaadha. Afuurri hamaanis sikeessa jira” Samaariyaa jechuun akka hiika “Aramaic”ti “Angafa seexanaa” jechuudha. Yesuusis Afaan “Aramaic” kanaan dubbate waan ta’eef kanaan hiikame. Namni “Hafuura hamaa (seexana) qaba jedhamu immoo “Sobduu” jechuudha. (cf. Lak. 52). Kana jechuun isaaniis dubbii kee kana hin fudhannu jechuu isaaniiti. Yesuus nama Samaariyaa ture (cf. 4:9) ykn seexana qaba ture jechuun (cf. 7:20; 8:48, 49, 52; 10:20, 21 mata duree Addaa 12:31 irraa ilaali). Karaa itti namni tokko akka Isa dhaga’uu hin qabnee fi ergaawwan Isaatiif deebii hin deebifnee dubbachaa jiruudha. Inni kun maarree, akkuma “Abrahaam abbaa keenya ta’e” Yesuusii ykn ergaa Isaatiif deebisuu dhiisuudhaaf ofkalcha kan biraa ture.

8:49 Namni abbaa hin amanne ilmas hin amanu (cf. 1Yoh. 5: 9-12). Namni abbaa hin beekne ilmaaf ulfina hin kennu (cf. 5:23), kanaaf namoota adda addaa lama ta’anuu tokkuma lachuu (cf. 10:30; 17: 21-23).

8:50 “Ulfina koo” Yaadannoo 1:14 irraa dubbisi.

8:51, 52 “Utuu ... utuu” Lachan isaaniifuu Hima Otola sadarkaa sadaffaa kanneen gochaa cimaa argisiisanidha. Hubadhu, Abboomamuun amanuun wal qabata. (barruu Lak. 48 ilaali).

▣ **“Bara baraan hin du’u”** Kunis dhugaan isaa “du’a Afuura” ibsuudha. (cf. Lak. 21, 24) malee fooniin du’uu kan ibsu miti. (cf. 5:24; 6:40, 47; 11:25-26). Sodaa du’aas ibsuu danda’a. (cf. 1Qor. 15: 54-57). Yaad-rimeen ‘du’aa’ wangeela keessatti gulantaa sadiin ibsame.

1. Du’a afuura (thanatos) Um. 2:17; 3:1-24; Isa. 59:2; Rom 7:10-11.
2. Du’a Foonii Uma. 3: 4-5, 5
3. Du’a barbaraa “du’a lammaffaa” Mul. 2:11; 20:6; 14: 21:8

Duuti faallaa fedha waaqayyoo uumama isaaf qabuuti.

8:53 Gaaffiin asitti ka’e deebii “Lakki” jedhu barbaada.

1. Inni Abrahaamirraa kan caalu. Lakk. 53
2. Inni Yaa’iqoob irraa kan caalu; 4:12
3. Inni Yonaas irraa kan caalu, Mat. 10:41; Luq. 11:32
4. Inni Yohaannis cuuphaarra kan caalu, 5:36, Luq. 7:28
5. Inni Solomoonirra kan caalu, Mat. 12:42; Luq. 11:31

(yaada kana hubachuuf “stebrew free on line W.W.W. free bible commentary. Org ilaali).

8:54 “Utuu” Hima Otola Sad. Sadaffaa kan gocha cimaa ibsudha.

▣ **“ulfina”** miira kabajaan asitti hojjeta (cf. Rom 1:21; 1Qor. 12: 26)

8:55 “beekuu .. beekuu” Jechoota Giriikii Afaan Ingiliiziin hiikaman lama. *ginōskō* and *oida* kanneen haala kana keessatti wal fakkaatan irraa dhufe. (cf. 7:28-29). Yesuus abbaa beekke, hordoffoota isaattis of ibsuu isa argisiisa (cf. 1:10; 8:51; 10:3; 17:25).

8:56 “Abbaa kee Abrahaam” Kun dubbii jalqabaati. Yesuus Yihudootarra of fageessee., “seera” (cf. 8: 17).

1. Arguuf akka jiru ibse - The Emphasised New Testament. Tranlted by J.B Rother han
2. Guyyootakoo arguuf ture- Revised standard vession
3. Arguu isaaf baay’ee gammade - The Berkeloy kersoon of the NT, by Gerrit Verkuyl
4. Dhufuukoo arguuf: - The NT:- A American Translation by Edgar J. Good speed
5. Guyyaa koo beekuuf hawwaa ture - The NT. In the language of Today by William F.Deck.

The Analytical Greek Lexicon Revised edited by Harold K. Moulton lists the VERB as meaning “to desire ardently” from the Septuagin’s Usage (p. 2).

▣ **“Innis argee ittis gammadeera”** Kun dubbiiwwan armaan gadii keessaa isa tokkoo wajjin wal qabata.

1. Abrahaam yeroo lubbuun jiru mul’ataan masihii arguusaa (cf. 2 Isaayyas 3: 14)
2. Abrahaam jireenyatti jiraachuusaa (Jannata keessa) fi Dalaga Yesuus Biyya lafarratti godhe arguusaa fi (cf. Ibr. 11: 13).

8:57 Warri yesuus dhaga’an kun sababa beekumsa isaaniif isa hubachuu dadhabuu isaanii ibsa.

8:58 “Abrahaam osoo hin dhalatiin duran ture” Kunis Yihuudotaaf “Arrabsoo” ta’ee waan argameef dhagaan isa rukuchuu barbaadan (cf. Ba’u. 3:12, 14). Kunis Waaqummaa isaa durumaan jiraachuusaa baranii (cf. 4: 26; 6:20; 8:24, 28, 54-59, 13: 19; 18, 5, 6, 8)

8:59 “Dhagaa darbachuuf walitti qabatan” Jechoonni Yesuus baay’ee ifa kan ta’an turani. Inni Masihicha ture, akkasumas immoo Inni tokkicha Isa Abbaa wajjin turedha. Yihudoonni kanneen w.31 keessatti “Isatti amanuu” akka qaban dubbatame kunniin, amma maqaa Waaqayyoo xureessuu Isaatiif dhagaadhaan tumuudhaaf qophaa’oodha (cf. Lew. 24:16). Inni Yihudoota kanniiniif ergaa haaraa Yesuus adda ta’e fudhachuudhaaf baay’ee ulfaataa ture. Yesuus maatii amanaa waan jedheef “arrabsoon” qabatani dhagaan rukuchuu barbaadan. Maaliif isa amanuun Yihuudotatti ulfaatee:-

1. Akka isa Masihicha eeganitti waan hin hojjenneef.
2. Duudhaa isaanii waan miidheef (dhiibeef).
3. Tokkummaa (monotheism) isaanii waan bitaa itti galeef
4. Waan Seexanni abbaa isaanii ta’uu ibseef didanii dhagaan ajjeessuu barbaadan

Namni tokko Isa “dhagaadhaan rukutuu” ykn Isa “fudhachuu” qaba (Gidduu galeessa ta’uun hin jiru)!

▣ **“Yesuus of dhoksee Mana qulqullummaa keessaa ba’ee deeme”** Kunis

1. Dinqii ta’a (cf. Luq. 4:30) fi
2. Waan Yihuudota fakkaatuuf Namoota keessa miliqe” jedhanii yaadan.

Karooirri Waaqayyorraa ba’e ni jira. Guyyaa du’a isaas Yesuus ni beeka. Yoomii fi eessatti akka ta’e ‘yeroon isaa ammallee hin geenyes waan ta’eefidha’.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yoh. 7:53- 8:11 Wangeela Yohaannisiif kanuma jalqaba turedhaa? Maaliif?
2. Duubeen dubbii Yesuus “Ani ifa biyya lafaati” jedhuu maalii?
3. Faarisootni mormituu cimaa Yesuus maaliif ta’anii?
4. Tajaajila jecha “Amanuu/believe” jedhu kan lak. 30 irra jiru ibsi.

YOHAANNIS 9

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDA'A'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Fayyuu Namticha Jaamaatti dhalatee	Namtichi jaamaa ta'ee Dhalate agartuu ni argate	Yesuus ofii Isaa akka Ibsaa jireenyaatti ni ibse	Yesuus nama dhaloota Isaatii kaasee Jaamaa ture ni fayyisa	Qulqullaa'uu nama dhaloota Isaatii kaasee jaamaa turee
9:1-12	9:1-12	9:1-12	9:1-2 9:3-5 9:6-7 9:8 9:9a 9:9b 9:10 9:11 9:12a 9:12b	9:1-5 9:6-7 9:8-12
Warri Fariisotaa fayyinicha qorarii bira ni ga'anii	Warri Fariisotaa nama fayyifamee wajjin gaariitit walii hin gallee		Warri Fariisotaa fayyinicha qorarii bira ni ga'anii	
9:13-17	9:13-34	9:13-17	9:13-15	9:13-17
9:18-23			9:16a	
9:24-34			9:16b 9:14a 9:17b	
		19:18-23	9:18-19	9:18-23
		9:24-34	9:2-23 9:24 9:25 9:26 9:27 9:28-29 9:30-33 9:34	9:24-34
Jaamuu hafuuraa	Mul'ata Dhugaa fi jaamuu dhugaa		Jaamuu hafuuraa	
9:35-39	9:35-41	9:35-41	9:35	9:35-39
9:40-41			9:36 9:37 9:38 9:40 9:42	9:40-41

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti gooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

GAMAAGGAMA DUBBISAA WARAABBILEE 1:41

- A. Fayyuu namticha jaamaatti dhalatee, ergama Yesuus keessatti dinqiin baay’ee itti fufeenya qabu, haala nama dinqisiisuun toftaawwan adda ta’an danuudhaan kan xumurameedha.
- B. Milikkita Masihummaa ture (cf. Isa. 29:18; 35:5; 42:7; mat. 11:5). Adda ba’uun fayyinoota kanniinii ibsoota Yesuus kanneen Inni ibsaa biyya lafaa ture dubbisa battalaa keessatti mulateera (cf. 8;12 fi 9:5). Warri Yihudootaa milikkita ni barbaada, danuus arganii turani! YHWH qofaatu ijoota banuu danda’a!
- C. Boqonnaan kun fakkeenya gochaan argsiifame fooniin jaamuu namtichichaa fi hafuuraan jaamuu warra Farsiisotaati (cf. ww. 39-41; Mat. 6:23).

QOANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 9:1-12

¹Yesuus otuu darbuu nama dhaloota isaatii jalqabee jaame tokko arge. ²Yommus bartoonni Isaa “Barsiisaa! Namni kun cubbuu eenyuutiif jaamaa ta’ee dhalatee? Isatu yakka moo yookiis abbaa isaatii fi haadha isaatu yakke?” jedhanii Yesuusiin gaafata. ³Yesuus immoo deebisee “Inni cubbuu hojjeteef yookiis abbaan isaatii fi haati isaa cubbuu hojjetaniif miti, isa fayyisuudhaan hojiin Waaqayyoo akka mul’atuuf jaamaa ta’ee dhalate amlee, ⁴Hojii Isa Ana ergee guyyaadhaan hojjechuun nuuf ni ta’a, yeroo namni tokko illee itti hojjechuu hin dandeenye halkan ni dhufa’o. ⁵Biyya lafaa keessa hamman jirutti, Ani ifa biyya lafaati, “isanaiin jedhe. ⁶Yesuus akkuma kana jedheen lafatti tufee, hancufa Isaatinis biyyoo dhoqqeessee, dhoqqicha ija namichaatti dibe. ⁷Namichaanis “Dhaqi Siilo’am bishana kuufamaatti dhiqadhu!” jedhe. “Siilo’am” jechuun isa ergame jechuudha. Namichi yommus dhaqee dhiqatee, ija isaatinis argaa, deebi’ee dhufe. ⁸Olooni isaa, warri kanaan dura inni kahdatuu argan, “Inni kun namicha isa taa’ee kadhachaa ture mitii? “Eeyyee isuma” jedha; kaan immoo, “Lakkisaa, isa fakkaata malee” jedha. Namichi yommus, “Ani isa” jedhe. ¹⁰Namoonni immoo, “Iji kee lachanuun attamitti siif banaman ree?” jedhanii isa gaafatan “Kana irratti inni “Namicha Isa Yesuus jedhamuutu biyyoo dhoqqeessee, ija koo lachuutti anaaf dibee, “Gara bishaan Siilo’am dhaqiiti dhiqadhu!” anaan jedhe. Anis dhaqee dhiqadheetan arguu danda’” jedhee isanaiif deebise. ¹²Jarri immoo “Inni eessa jira?” jedhanii isa gaafatan; namichi garuu “Ani hin beeku” jedhee deebiseef.

9:1 “dhaloota isaatii jalqabee jaame” Inni kun fakkeenya isa tokkicha qullaa’uu bifa akkanaati. Waliin dha’uun wayiituu hin jiru.

9:2 “Bartoonni Isaa” Inni kun erga boqonnaa 6tii eeruu bartoota Isaa isa jalqabaati. Inni kun (1) bartoota Yihudaa 7;3 keessatti maqaa dha’aman ykn (2) kudha lamaan eeruu ni danda’a.

▣ **“Namni kun cubbuu eenyuutiif jaamaa ta’ee dhalatee? Isatu yakka moo yookiis abbaa isaatii fi haadha isaatu yakke?”** Gaaffiin kun mormiiwwan ti’oolojii danuu kaaseera, nuyi isa akka amantaa warra Bahaatti otuu hin ta’in akka amantii warra Yihudii duriitit hiikuutu nuuf ta’a. Kanneen ta’uu danda’an danuutu jira.

1. inni kun cubbuuwwan da’uumsaan duraa kanneen barsiisonni amantii Uma. 25:22 kaasee haasa’aa turan ni eera.
2. inni kun cubbuuwwan warra ykn abudurootii dhi’oo isa ilma hin dhalanne miidhe ni era (cf. Ba’u 20;5; Kes. 5:9)
3. inni kun walitti dhufeenya cubbuu fi dhukkubaa, isa barsiisa ti’oolojii amantii Yihudii keessatti baraame ni eera (cf. Yaq. 5:15-16; Yoh. 5:14)

Inni kun ti’oolojii marfataa deebi’anii du’aa ka’umsa argachuu ykn gommaa karma warra bahaa wajjin wanta wal qabate hin qabu. Inni kun yomessa warra Yihudootaati. Yaada kanarratti mare gaariidhaaf *Scripture Twisting* James W. Sire ff 127-144 ilaalaa.

9:3 Waraabbiin kun deebii Yesuus gaaffii bartootaa w. 2 ni kenna. Dhugaawwan danuun hojiirra oolaniiru (1) cubbuunii fi dhukkubsachuun waan tokko kan wal qabatani miti, akkasumas (2) rakkoowwan yeroo baay’ee eebba Waaqayyootiif carraa ni uumu.

9:4 “Nu ... Ana” MAQAA DHAALONNI kunniin ifumatti walii hin galani. Barreeffamoni Giriikii danuun isanii waliigaltee caasluugaa fiduudhaaf tokko ykn is akan biraa geeddaraniiru. Isaan aangoo ti’oolojii isa akkuma Yesuus ifa biyya lafaa ta’e, nuyis bara keenyatti ificha calaqqisiisuun akka nuuf ta’u kan calaqqisiisan hin fakkaatani (cf. Mat. 5:14).

▣ **“halkan ni dhufa’o”** Wal bira qabuun w. 5 wajjinii inni kun ifumatti bakka buusa ta’uu isa ani argisiisa. Haalkanni

1. firdii dhufaa jiru
2. yeroo carraa cufamee
3. fudhatama dhabuu fi fannifamuu Yesuus bakka bu’uu ni danda’a.

9:5 “Biyya lafaa keessa hamman jirutti” Inni kun yeroo foon uffachuu, yeroo Betalheemii hamma Calvary/Gaara Dhadhaa ejersaa, kan eeru ni fakkaata. Yesuus yeruma murtaa’aa qofaaf as ture. Dhaggeeffattoonn isaa amma ergaa isaatiif deebii deebisuutu isaniif ta’a. Gaaleen kun karaa ti’oolojiitiin w. 4 wajjin cinayyaadha.

Namni kamiyyuu hamman “Ani Isaa” dubbisa akka kanaa keessatti hojiirra akka oolu ni dinqisiifata.

▣ **“Ani ifa biyya lafaa”** Yohaannis yeroo baay’ee akka bakka buutota dhugaawwaniitti ifaa fi dukkana ni fayyadama. Yesuus akkuma “ifaa biyya lafaatitti” (cf. 1:4-5; 8-9; 3:17-21; 8;12; 9:5; 12:46) tarii ilaalchota Masihummaa Kakuu Haaraa calaqqisiisuu ni mala (cf. Isa. 42:6; 49:6; 51:4; 7:60; 1,3). Yaadannoo 8;12 irraa ilaali.

9:6 “hancufa Isaatinis biyyoo dhoqqeessee” Hancufni fala fayyaa manaa warra Yihudootaat ture. Inni gaafa Sanbataatti akka faayidaarra ooluuf hin heeyyamne ture (cf. w. 14). Wangeelonni fakkeeniyota hancufatti fayyadamuu Yesuus ni galmeessu (cf. Mar. 7;33; 8;23; fi asirratti). Tooftaa fayyinaa, fudhatame, sirumaayyuu eeggama fayyadamuudhaan Yesuus ifumaan ifatti amantii nama kanaa jajjabeessaa ture; garuu immoo dabalataanis itti yaadamee aadaawwan fi seerota warra Farsiisotaa mormuudhaaf kan a’edha.

9:7 “Siilo’am bishana kuufamaatti dhiqadhu!” Siilo’am jechuun “isa ergame tokko” jechudha. Iddoon bishaan kuufamaa kun Ayyaana Mana Qulqullummaa yeroo hunda kabajamu wajjin kan faayidaarra ooleedha.

▣ **“isa ergame jechuudha”** Jechi “ergame” jedhu dhugaa isa bishaan ciisaa burqaawwan Gihoon irraa harkifamee tureen isa keenyanoota/dallaawwan mandaraa Yerusaaalem keessaa alal ta’e wajjin walitti ni firooma. Barsiisoonni amantii Yihudaa jecha “ergame” yaadota Masihummaa wajjin walitti qabsiisani. Inni kun yaada waliigalaa barreessichaa kan biraati.

▣ **“dhiqate”** Inni kun gochaa amantii isaat ture. Inni dubbiwwan Waaqayootirratti hojii hojjete. Ta’ullee inni sun ammayyuu “amantii fayyisaa” hin turre (cf. ww. 11, 17, 36, 38). Inni sun amantii adeemsa keessaa ture. Kan Wangeelota hundumaarra, Yohaannis “sadarkaalee” amantii ni mul’isa. Boqonnaan 8 gartuuwwan kanneen “amanan” “garuu immoo gara faayidaatti kanneen hin fudhatame ni argisiisa (cf. Mat. 4; Mar. 13, fakkeenya biyyoowwanii).

MATA DUREE ADDAA: HIMOOTA GIRIIKII FAYYINAAF WAA’EE BAASAN

Fayyinni oomisha tokko miti, garuu immoo walitti dhufeenya. Namni tokko yommuu Kiristoositti amanu inni hin xumuramne, ni jalqabe malee! Inni imaammata wabii (in shuraansii) ibiddaa ykn tikeetii gara Waaqaa ittiin galan miti, jireenya Kiristoosiin fakkaatanii jiraatan malee. Nuyi haasaa mammaakkaa tokko Ameerikaa keessatti ni qabna, hammuma dheeraa warri cimidiin walii jiraatan, isaan caalumatti wal fakkaachuu jalqabu. Inni kun galma fayyinaati.

FAYYINA AKKA GOCHAA XUMURAMEETTI (AORIST)

- HoE. 15:11
- Rom. 8:24
- 2Xim. 1:9
- Tito. 3:5
- Rom. 13 (AORIST qabachiisa FUTURE (EGERII) wajjin wlaitti ni qaba)

FAYYINSA AKKA IBSA TA’AA JIRUTTU (PERFECT)

- Efe. 2:5, 8

FAYYINA AKKA ADEEMSA ITTI FUFEEENYA QABUUTTI

- 1Qor. 1:18; 15:2
- 2Qor. 2:15
- 1Phex. 3:21

FAYYINA AKKA ITTI FAYYADAMA EGIRIITTI (EGIRII GOCHAMA HIMAA ykn dubbisa keessatti)

- Rom. 5:9, 10; 10:9, 13
- 1Qor. 3:15; 5:5
- Fil. 1:28
- 1Tas. 5:8-9
- 1Phex. 1:5, 9

Kanaafuu fayyinni murtii amantii jalqabaa tokkoon eegala (cf. Yoh. 1:2; 3:16; Rom. 10:9-13), garuu inni kun yaada walii gala bara jireenyaa (cf. Rom. 8:29; Gal. 3:19; Efe. 1:4; 2:10, isa guyyaa tokko ifaan faayidaarra oolu ta’uu qaba (cf. 1Yoh. 3:2). Ibsi dhuma kun ulifna kennuu jedhama. Inni kun akka

1. ulfina kennuu jalqabaatti – haqabaasuu (adabbii cubbuu irraa fayyisuu)
2. fayyina fooyyee qabu – eebbifamuu (humna cubbuu irraa fayyuu)
3. fayyina dhuma – ulfina argachuu (bakka cubbuun jiru irraa fayyuu) dhaan ibsamuu ni danda’a.

9:8 “olloonni” Akka dinqii kanaaf dhuga ba’uumsa baatanitti gartuuwwan sadi’itu boqonnaa kana keessatti eeraman jiru (1) olloota (w. 8); (2) namticha ofii isaa (w. 11); fi (3) warra isaa (w. 18). Akkuma isana gidarii Fariisonni jiran turanitti, fayyisuu kana irratti olloota gidduu waliigalteen hin jiru ture.

▣ **“Inni kun namicha isa ta’acee kadhachaa ture mitii?”** Gaaffiin Giriikii deebii “eeyyee” jedhu ni eega.

9:9 “Eeyyee isum” Inni kun ciigoo walfakkaataa Yesuus 4:26; 6:20; 8:24, 28, 58; 13:19; 18:5, 6, 8 keessatti fayyadamuudha. Dubbifni kun isa akkaataan kun battalumatti eeruu Waaqummaa hin qabaanne ni agarsiisa.

Akkuma jecha kurios waraabbilee 36 (Obbo/Gooftaa) fi 38 (Gooftaa) boqonnaa kanaa wanti hiikni isaa kan adda addaa ta'e caalaatti wal fakkaatu ni jira.

9:11-12 Haasaan kun fayyuun namticha kanaa fayyina hafuura akka of keessatti hin hammanne ni agarsiisa. Amantiin namicha kanaa adeemsa walqunnamtii inni Yesuusii wajjin godhuun ni dagaaga (cf. w. 35).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 9:13-17

¹³Jarri yommu namicha dur jaamaa ture sana fuula warra Arsiisotaatti ni dhiheessan. ¹⁴Guyyaan Yesuus biyyoo dhoqqeessee ija namicha jaamaa bane guyyaa Sanbataa ture. ¹⁵Fariisonnis immoo attamitti arguu akka danda'e namicha ni gaafatan; namichi yommu, "Inni ija koo irra dhoqqee kaa'e, ani immoo kan dhiqadhe, nan arges! "isaanin jedhe. ¹⁶Fariisota keessaa jarri tokko, "Namni kun guyyaa Sanbataa waan hin eegneef, nama Waaqayyo biraa dhufe ta'uu hin danda'u" jedha. Isana keessaa kaan garuu "Namni cubbamaan attamitti milikkita kana hundumaa hojjetee argisiisuu danda'a?" jedhanii kana irratti yaadaan gargara ba'an. ¹⁷Kana booddee warri Farsiisotaa namicha isa jaamaa ture sanaan, "Waa'ee isa ija kee siif bane kanaa maal jetta?" jedhan; yommu namichi "Inni raajiidha" jedhee deebiseef.

9:13 "jarri" Inni kun olloota eeruu qaba.

▣ "Farsiisotatti" Dura buutonni Yihudootaa kunniin Yohaannis keessatti jechoota adda addaa lamina ni qajeelfamu. Isaan yeruma hundaa akka Yihudootaatti ni eeramu (cf. ww. 18, 22). Haa ta'u malee, boqonnaa kana ww. 13, 15, 16 fi 40 keessatti isana Fariisota jedhamanii ni waamamu. Mata duree addaa 12:4 irraa ilaali.

9:14 "guyyaan Yesuus biyyoo dhoqqeessee ija naicha jaamaa bane guyyaa Sanbataa ture" Seeronni dura buutota Yihudootaa barataman (Aadaawwan Afoolaa Talmud keessatti qaama srummaa argatan) murtii asiin dura murtaa'e fedhii nama kanaa irratti ni fudhatani (cf. 5:9; 9:16; Mat. 23:24). Dufumaayyuu yommuu Yesuus guyyaa Sanbataatti gochaa kana raawwatetti dura buutota kana wajjin kaayyoo haasaa taasisuuf kan itti yaaddamee galamuuf ture. Yaadannoo 5:9 irraa ilaalaa.

9:16 Fariisonni tari firdii isaanii Yesuus Ke. 13:1-5 irratti hundeeffamaa turaniiru ta'a.

▣ "yaadaan gargara ba'an" Yesuus yeroo baay'ee kanaaf sababa ni ta'a (cf. 6:52; 7:43; 10:19; Mat. 10:34:39).

9:17 "inni raajiidha" Boqonnaan kun dagaagina amantii namticha kanaa ni argisiisa (cf. ww. 36, 38) "Raajii" dhaaf Mata Duree Addaa 4:19 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 9:18-23

¹⁸Yihudoonni amam iyyuu, namichi kun jaamaa akka ture akka inni arguu danda'es hin amanne; kanaaf abbaadhaa fi haadha namicha isa arguu danda'e kanaa, ofitti waaman, ¹⁹Warra waamaman kanaanis, "Inni kun ilma keessan, isa isin jaamaa ta'ee dhalate jettanii? Amma immoo attamitti arga ree?" jedhanii gaafatan. ²⁰Abbaan isaa fi haati isaa deebisanii, "Akka inni ilma keenya ta'e, jaamaa ta'ees akka dhalate ni beekna. ²¹Amma attamitti akka argmu hin beeknu, yookiis eenyu ija isaa lachuu akka baneef nuyi hin beeknu, inni nama ga'adha, innumtuu waa'ee ofii isaatii ni dubbata, isa gaafadha!" jedhan. ²²Abbaan isaa fi haati isaa Yihudoota waan sodaataniif kana jedhan; namni "Yesuus Masihidha" jedhee dhugaa ba'u, tokkummaa mana sagadaa isanaa keessaa akka baafamu Yihudoonni sun irratti walii galanii turan. ²³Sababnii kanaaf abbaan isaa fi haati isaa, "Inni nama ga'adha, isa gaafadha!" jedhan.

9:22 "namni "Yesuus Masihidha" jedhee dhugaa" Inni kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa hiikaan isaa gochaa humna qabeessa jechuudha. Warri dura buutota warra Yihudootaa kanniin ni sodaatan ture. Namoonni fayyinni kun akka fudhatamuuf dhugaa ba'an danuutu jiru (1) olloota (ww. 8:10; (2) namticha ofii isaa (ww. 11-17; 24:33); fi warra isaa (ww. 18-23).

MATA DUREE ADDAA: DHUGAA BA'UU

- A. Akaakuuwwan hidda Giriikii walfakkaatan dhugaa ba'uu ykn (beeksisuu) *homolegō* fi *exomologe* lamatu jiru. Jechi walitti makamaan (James) Yaaqoob itti fayydamu, *homo* irraa isa wal fakkaatu; *legō*, dubbachuu, fi *ex* isa keessaadha. Hiikni isaa inni bu'uraa walii galuuf wanta walfakkaatu dubbachuu jechuudha. *Ex* yaada labsii uumamaatitti makame.
- B. Hiikkaawwan Afaan Oromoo jecha kanaa
1. Galateeffachuu
 2. Waliigaluu
 3. Labsuu
 4. Beeksisuu
 5. Dhugaa ba'uudha
- C. Gartuun jecha kanaa haala wal fakkaatuun itti fayydamoota faallaa lama kan qabu fakkaatu,
- 1) (Waaqayyoon galateeffachuu
 - 2) Cubbuu amanuu
- Kuniin tarii miira dhala namaa qulqullummaa Waaqayyoo fi cubbamummaa mataa isaa dagaagsuu ni mala. Dhugaa tokko beeksiisuun lamaanuufuu beekkamtii kennuudha.
- D. Gartuuwwan itti fayyama Kakuu Haaraa
1. Abdachiisuu (cf. mat. 14:7; HoE 7:17)
 2. Wanta tokkoon waliigaluu ykn eeyyamu (cf. Yoh. 1:20; Luq. 22:6; HoE 24:14; Ibr. 11:13)
 3. Galateeffachuu (cf. Mat. 11:25; Luq. 10:21; Rom. 14:11; 15:9)
 4. Walii galuu
 - a. nama tokkoon (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:22; 12:42; Rom. 10:9; Fil. 2:11 1Yoh. 2:23; Mul. 3:5)
 - b. dhugaa tokkoon (cf. HoE 23:8; 2Qor. 11:13; 1Yoh. 4:2)
 5. Labsii ummataa (ilaalcha seeraa mirknaa'uu amantii keessatti dagaage, cf. HoE 24:14, 1Xim. 6:13)
 - a. Yakka hojjataniif gaabbuu malee (cf. 1Xim. 6:12; Ibr. 10:23)
 - b. Yakka hojjataniif gaabbuudhaan (cf. 3:6; HoE 19:18; Ibr. 4:14, Yaq. 5:16; 1Yoh. 1:9)

9:22 “tokkummaa mana sagadaa isanaii keessaa akka baafamu” Ifumaan ifatti wrii kun akka hin balaaleffatamne sodaachaa turani (cf. 12:42; 16:2). Adeemsi kun tarii gara Izraa (cf. 10:8) duubatti ni deebi'a. Barreeffamoota barsiisa amantii fi seera Yihudootaa irraa ari'atamuun gosa sadi'I akka jiru ni beekna: (1) turban tokkoof; (2) ji'a tokkoof ykn (3) hamma bara jireenyaatti (lubbuudhaan)dha.

Yohannis barreeffamni dhuma jalqaba jaarraa tokkooffaa irraa sababa Yesuus akka Kiristoositti dhugaa ba'aniif Mana Sagadaatii akka ari'ataman ni beeke. “Foormulaan abaarsaa” isaanii seena qabeessi kunniin 70 AD booddee Fariisotaan dagaaganii turan. Yihudoonni Jaamniyaa gidduudhaa addaan kutamanii booda jalqaban.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 9:24-34

²⁴Ergasii Farsiisonni namicha jaamaa ture sanas si'a lammaffaa waamanii “Ati, dhugaa dubbachuudhaan Waaqayyoof ulfina kenni! Namni kun cubbamaa akka ta'e nuyi ni beekna” ittiin jedhan. ²⁵Namichi immoo “Inni cubbamaa ta'uu Isaa ani hin beeku, waan tokkicha duwwaa nan beekan, ani jaamaa ta'een dhaladhe, amma garuu nan arga”, jedhee isanaiif deebise. ²⁶Kana irratti isaan, “Maal siif godhu” attamitti ija kee kee siif bane?” jedhanii gaafatan. ²⁷Inni immoo, “kanaan dura ani isinitti himnaan dhaga'uu diddan; maaliif ammas dhaga'uu barbaaddu? Tarii isinis immoo bartoota Isaa ta'uu feetuu?” jedhee deebiseef. ²⁸Farsiisonni kana irratti namtichatti oli'anii, “situ bartuu isaati, nuyi garuu bartoota Muuseeti. ²⁹Waaqayyo Muuseetti akka dubbate nuyi ni beekna; namichi kun garuu eessaa akka inni dhufe iyyuu hin beeknu” jedhaniin. ³⁰Namichi immoo deebisee, “Inni ija koo anaaf bane, isin immoo eessaa akka inni dhufe iyyuu hin beeknu jettu; kun nama dinqa. ³¹Waaqayyo warra cubbamootaaf akka hin dhageenye ni beekna; nama Isa sodaatuuf jaalala Isaas Isa

raawwatuuf garuu ni dhaga'a. ³²Durii durii jalqabee, namni ija nama jaamaa ta'ee dhalatee akka bane dhagahamee hin beeku. ³³Namni kun otuu Waaqayyo biraa dhufuudhaabaate waanuma tokko iyyuu hojjechuu hin danda'u ture" isanaaiinjedhe. ³⁴Isaan immoo deebisanii, "Ati guutummaatti cubbuudhaan dhalattee nu barsiifta?" jedhaniin; yommuus namicha tokkummaa mana sagadaa isaanii keessaa ni baasan.

9:24 "Waaqayyoof ulfina kenni" Inni kun amanaummaa wabeessuuf foormulaa (herreega) kakuu fudhachuu ture (cf. Iya. 7:19).

9:25 Deebiin kun w. 6 eeruu qaba. Namichi ti'oolojiidhaan mormuu hin barbaadu, garuu immoo wal qunnamuu isaa Yesuus wajjinii cimsee ni dubbata.

9:27 "tarii isinis immoo bartoota Isaa ta'uu feetuu?" Akaakuun caasluga Giriikii deebii "lakki" jedhu ni eega, garuu immoo gaaffiin saffisaan gaafaame ciigoo murtaa'aa kan turee fi tapha namticha kadhataa jaamaa namatti tolu kanaa ni argisiisa.

9:28a "situ bartuu isaati" Boqonnaa kana keessatti qabxii maaliitii akka namtichi kun amanaa akka ta'e gaaffiin dhugaa tokko ni jira. Jalqabumarratti fayyisuun Yesuus Isatti akka Masihichaatti amanuu namtichaa wajjin kan wal hin qabanne fakkaata booddeerra qofaa Yesuus gaaffii Masihummaa Isaa wajjin walitti firoomse (cf. ww. 36-38). Kutana kun foonii fayyuun dirqama fayyina lubbuu akka hin fidne ni agarsiisa.

9:28b-29 Inni kun wanta cimaa isa dura buutonni amantii isana qunname ni agarsiisa. Isaan aadaa Afoola (Talmud) isa ibsame, sirrumatti hiikamuu mulata dammaqe Muusee wajjin wal qixxeessuuf yaalanii turani. Dursanii murteessuu ti'ooloojii isanaaiitiin iji isaanii jaamee ture (cf. Mat. 6:23). Isaan bartoota barmaatilee namootaa turan (cf. Isa. 29:13).

9:29 "eessaa akka inni dhufe iyyuu hin beeknu" Inni kun fakkeenya ciigoo Yohaannis kan biraati (cf. 7:27-28; 8:14). Yesuus Abbaa biraa dhufe ture (cf. 8:42; 15:3; 16:28), garuu immoo jaamaa ta'uu isaanii irraa kan ka'e bartoonni

1. Madda Isaa
2. Iddoo dhaloota Isaa hin beekne ture.

9:30 "Inni ija koo anaaf bane, isin immoo eessaa akka inni dhufe iyyuu hin beeknu jettu; kun nama dinqa" Inni kunis fakkeenya haasaa mi'aawaa murtaa'ee fi ciigoo cimaa kadhataa jaamaa kanaa akka inni dogoggora ta'uu barmaata warra Fariisotaa agarsiisu kan biraati.

9:31-33 Namtichi hin baranne jaamaan kun, dura buutota amantaa caalaa ti'ooloojii gaariihin jijjiiramne ni qaba ture.

9:33 "utuu" Inni kun SECOND CLASS CONDITIONAL SENTENCE isa "dhugaahdaan kan faalla'u" jedhamee waamamuudha. Inni akka "Otuu namni kun Waaqayyo biraa hin dhufne ta'ee, kan Inni raawwate, maarree silaa Inni akka kanatti homaa iyyuu gochuu hin danda'u ture, garuu Inni ni raawwate" jedhamee kan hubatame ta'uu qaba.

9:34 "Ati guutummaatti cubbuudhaan dhalattee" Barsiifni Amantii warra Yihudootaa hubannoo "cubbuu jalqabaa" qabaachuu dhiisuu isanaa yaadannoo qabaachuudhaaf inni wanta namatti toluudha (cf. Iyo. 14:1, 4; Far. 51:5). Kufaatiin Umama 3 barsiisa Amantii Yihudii keessatti xiyyeeffannaa hin arganne ture; Warri Yihudootaa nama kamiyyuu keessa karoorti (yetzer) gaariinii fi badaan akka ture cimsanii dubbataniiru. Farsiisonni kunniin isa dhuga ba'uumsi fi wanti qabatamaan namticha fayye kanaa kan fudhatama hin qabaanne akka ture cimsanii dubbachaa turani, sababni isaas inni jaamaa ta'ee dhalachuu isaatiin cubbamaa akka ture ifumatti ragaa ta'eefi ture.

▣ **“tokkummaa mana sagadaa isaanii keessaa ni baasan”** Inni kun jechumaaf jechatti “isana isa ni ari’atan” jechuudha. Eeruun isaa (1) mana sagadaa naannoo keessatti miseensa ta’uu fi argamuu (2) wal a’ii irratti akka hin argamne gochuudha. Dubbisa keessatti #2 caalaatti gaarii fakkaata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 9:35-41

³⁵Yesuus yommuus, Farsiisonni namicha jaamaa ture sana tokkummaa mana sagadaa isaanii keessaa akka baasan ni dhaga’e, isa argees, “Ilma Namaatti ni amantaa?” Ittiin jedhe. ³⁶Namtichi immoo “Inni isa kam? Yaa Gooftaa, anatti himi, itti nan amana!” jedhee deebiseef. ³⁷Kana irratti Yesuus, “Isa’oo dur argite, Inni amma sii wajjiin dubbachaa jirus Isuma” jedheen. ³⁸Namtichi deebisee “Nan amana, Gooftaa koo” jedhee, jilbiinfatee Yesuusiif sagade. ³⁹Yesuus immoo, “Warri hin argine akka argan, warri arguutti jiran immoo jaamota akka ta’an, firdii kennuudhaaf Ani gara biyya lafaa kanaa dhufeera” jedhe. ⁴⁰Fariisota warra isaa wajjin turan keessaa jarreen tokko kana dhaga’anii, “Nus immoo jaamota jechuu keetii ree?” jedhaniin. ⁴¹Yesuus immoo “Jaamota utuu taatanii cubbuu hin qabdan turan, amma garuu ni argina jettu, kanaaf cubbuun keessan isin irratti ni hafa” jedhee isaaniif deebise.

9:35

NASB, NRSV “Ilma namaatti ni amantaa?”

TEV, NJB

NKJV “Ilma Waaqayyooti ni amantaa?”

Barreeffamoonni Giriikii durii A fi L “Ilma Waaqayyoo” ni qabu, garuu immoo p⁶⁶, p⁷⁵, **Ⲑ**, B, C fi Wn “Ilma Namaa” qabu. Itti fayyadama Yohaannisirraa fi ragaa barreeffamaa irraa “Ilmi namaa” caalaatti gaarii, fi isa jalqabaa ta’uu kan danda’uudha. UBS⁴ “namaa”f sadarkaa “A” (kan mirkanaa’e ni kenna. Gaaffichi gara caaslugaatiin deebii “eeyyee” jedhu ni eega.

9:36

NASB, NKJV “Gooftaa

NRSB, TEV

NJB “Gooftaa”

Boqonnicha keessatti nuyi dagaagina ti’oolojii amantii namticha kanaa arguu ni dandeenya, akkuma namtichi bara waamicha Yesuus akka

1. Namticha tokkotti (w. 11)
2. Raajii tokkotti (w. 17)
3. Aangoo kabajaa “Gooftaa”tti (w.36)
4. “Gooftaa” guutummaa jecha kana keessatti itti fayyadama ti’oolojii guutuutti (w. 38) socho’utti.

Jechi Giriikii lamaanuu w. 36 fi 38 keessatti tokkuma. Dubbisuma/qabiyyee dhuma) qofaatu hiika isaa murteessa. Mata Duree Addaa: Maqaa Waaqummaa 6:30 irraa irraali. Jechi Giriikii *kurios* jecha Ibraayisxii *Adon*, , isa bakka buusa afoola YHWH dhaaf ta’e, calaqqisiisuu ni danda’a.

9:38 Hama fayyinni hafuura namticha fayyee barbaachisetti Inni kun ittigaafatamaati. Barreeffamoota Giriikii durii muraasa (p⁷⁵, **Ⲑ**, W) fi Diatessaron (walitti hidhama Wangeelota afran durii) irraa waraabbiin kun dhabuun isaa waan nama dinquudha. Inni himoota hin bartamne lama of keessatti ni qaba, (1) gaaleen “inni jedhe” jedhu asirratti fi 1:23 irratti qofaa mul’ata akkaumas (2) jechi “inni sagade” jedhu Yohaannis keessatti asumatti qofaa mul’ata. Inni hiikkaawwan haaraa irra jireenya keessatti makameera.

9:39 “Warri hin argine akka argan, warri arguutti jiran immoo jaamota akka ta’an” Inni kun 5:22, 27 isa waa’ee firdii yeroo xumuraa (eschalological) dubbattu wajjin sarara tokko keessa kan galu fakkaata. Haa ta’u malee, inni 3:17-21 fi 12:47, 48 wajjin kan wal mormu wayii ni fakkaata. Inni kun dhugaa isa yesuus kaayyoo hafuura hamaatirraa fayyisuuf dhufuu Isaatiin walitti kan araarfame ta’uu qaba, garuu immoo namoonni kanneen affeerraa Isaa didan battalumatti ofii isaaniitti ni faradu.

▣ **“firdii kennuudhaaf Ani gara biyya lafaa kanaa dhufeera”** Inni kun raawwaamuu raajii keessattuu Isayaas irraa is adachaadha.

1. Isiraa'eloonni of tuulonni ergaa Waaqayyoo hin hubatanu (cf. Isa. 6;10, 42; 18-19; 43:8; Er. 5:21; His. 12:2)
 2. Hiyyeeyyiin, ari'ataman, fooniin tuffataman kanneen qalbii diddiirratanii fi of gad buusan ni hubatu (cf. Isa. 29:18; 32:3-4; 35:5; 42:7, 16)
- Yesuus warra arguu filatu hundumaafuu ifa biyya lafaati (cf. 1:4-5, 8-9)

9:40 “Nus immoo jaamota jechuu keetii ree?” Xin himni Giriikii deebii “Lakki” jedhu eega (cf. Mat. 15:14; 23-24). Waraabbiileen muraasni dhuma kunniin isa boqonnaan kun fakkeenya jaamummaa hafuura isa raawwatamee isa fayyuu hin dandeenye (cubbuu dhiifamni hin godhamneef amanuud hiisuu, Mata Duree Addaa 5:1 irraa ilalai) tokkoo fi jaamummaa foonii isa danda'amu ni argisiisu.

9:41 Waraabbiin kun dhugaa waliigalaa tokko ni ibsa (cf. 15:22, 24; Rom. 3:20; 4:15; 5:13; 7:7, 9). Dhalli namaa ibsaa isaa qabanitti itti gaafatamoo ta'anii kan qabamaniidha ykn, immoo isaaf kan saaxilamaa turani!

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Boqonnaan kun ifumatti fayyuu foonii ykn fayyuu hafuura wajjin wla ni qabataa? Fooniin jaamaa ta'uu moo hafuuraan jaamuu?
2. Namichi kun attamittiin otuu hin dhalatin dura cubbamu danda'e?
3. Boqonnaa kana keessatti qabxii kamirratti kan namichi kun fayyina lubuu argatu?
4. Yesuus biyya lafaa kana itti faraduuf moo fayyisuuf dhufe ture?
5. Seenaa dudduubaa jecha “Ilma Namaa” ibsi
6. Deebiwwan namtichi jaamaan dura buutota Yihudootaaf deebise keessaa qabxiwwan ciigoo tarreessaa.

YOHAANNIS 10

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Jechama yesuus balbala hoolotaa ta'uusaa	Yesuus tiksee isa dhugaadhumaan	Yesuus tiksee lubbuu isaa hoolotaaf dabarsee kennu	Jechama tiksee	Tiksee Isa Gaarii
10:1-6	10:1-6	10:1-6	10:1-5	10:1-5
Yesuus tiksee isa gaarii	Yesuus tiksee isa gaarii		Yesuus tiksee Isa gaarii	
10:7-18	10:7-21	10:7-10 10:11-18	10:7-10 10:11-16 10:17-18	10:7-18
10:19-21		10:19-21	10:19-20 10:21	10:19-21
yesuus Yihudootaan fudhatama dhabuu isaa	Tikseen sagalee hoolota isaa ni beeka		Yesuus tuffatame	Yesuus Ilma Waaqaa ta'uusaa dubbate
10:22-30	10:22-30	10:22-30	10:22-24	10:22-30
10:31-39	10:31-39	10:31-39	10:31-32 10:33 10:34-38 10:39	10:31-38
10:40-42	10:40-42	10:40-42	10:40-42	10:40-42

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:1-6

¹Dhguma, dhuguman isinitti hima, namni gola hoolotaatti balbalaan olgaluu dhiisee, karaa biraatiin lixu inni hattuudha, saamtuudhas. ²Namni balbalaan gola hoolotaatti ol galu garuu, inni tiksee hoolota sanaati. ³Tiksee sanaaf keellaa eegduun ni bana. Hoolonni sagalee isaa ni beeku. Inni hoolota isaa maqaa maqaan baasaa. ⁴Hoolota isaa hundumaa erga gadi yaasee, fuula isaanii dura ni deema. Hoolonni sagalee isaa waan beekaniif isa duukaa ni bu'u. ⁵“Sagalee warra Ormaa waan hin beekneef nama Orma ni baqatu malee isa duukaa hin bu'an” jedhe. ⁶Yesuus dubbii haalaa kana isaanitti hime. Isaan garuu wanti inni isaanitti hime kun maal akka ta'e hin hubanne.

10:1 “dhuguman, dhuguman” yaadannoo 1:49 ilaali.

▣ **“Namni gola hoolotaatti balbala ol galuu dhiisee, karaa biraatiin lixu inni hattuudha, saamtuudhas”** Hubannoo kan godhamuu qabu as irratti gola keessatti muraasni kan tiksee isa gaarii hin ta'in ni jiru.(7:21-23 fi fakkeenya qamadii fi inkirdaada mat. 12:24-30). Rakkinni guddaan as irratti muraasni wanta Waaqayyoo gatiin ala karaa Gooftaa Yesuusiin kenne, carraaqii mataasaaniitiin argachuuf yaaluu isaati. (3?14-16). Faarisonni boqonnaa 9 keessaa fakkeenya gaariidha.

10:2 “namni balbalaan gola hoolotaatti olgalu garuu, inni tiksee hoolota sanaati” Boqonnaa kana keessatti haala dubbiin ifatti, waliitti makame argamutu jira. Yesuus akka balbala gola hoolotaatti, v.7 akkasumas akka tiksee hoolotaatti (vv. 11 fi 14). Haa ta'u malee dubbiin walmakaa fakkaatu akkanaa kun wangeela Yohaannis keessattii fi Kakuu Haaraa keessatti baay'inaan hin argaman.

DIII. Yesuus buddeenaa fi buddeena kan kennu ta'uusaa (6:35,51)

DIV. Yesuus dhugaa fi kan dhugaa dubbatu (vv. 8:45-46 fi 14:6)

DV. Yesuus karaa fi kan karaa agarsiisu (14:6)

DVI. Yesuus aarsaadha, kan aarsaa kennus isuma (Kitaaba Ibrootaa)

Mata duree jecha “tiksee” jedhutti Waaqayyoo fi Masiidhaaf yeroo baay'ee kan itti fayyadamuudha. (Far. 23; Far. 80; Isa. 40:10-11; 1Phex. 5:1-4). Hooggantoonni Yihudotaa “tikseewwan sobaa” jedhaman Er. 23, Hiski'eel 34 fi Isaayyaas 56:9-12. jechi tiksee jedhu jecha “Barsiisaa” jedhuunis walitti dhufeenya qaba. (Efe. 4:11, Tiitoo 1:5,7).

10:3 “hoolonni sagalee isaa ni beeku” Adda baafachuu fi ajajamuun walitti dhufeenya qabu. Yohaannis keessatti “dhagahuu” (cf. 4:42; 5:24,25,28-29; 8:47; 10:16,27; 18:37) fi “arguu”n (3:3; 12:40; 20:8) jechoonni jedhan Yesuusitti amanuu fi jechoota fayyadaniidha.

▣ **“Inni hoolota isaa maqaa maqaa isaaniitiin isaan waama”** yesuus kansaa kan ta'an hunda kophaa kophaatti adda baasee beeka (akka kan gooftaa godhee; 10:29-31). Tiksoonni horii isaaniif mqaq adda ta'e qabu, baasufis, baay'ee baldhaallee ta'an. Isa ti'oolojiitiin kan nama qaanessu Yesuus hoolota isaa dhugaa hoolota isaa sobaa dhaloota Yihudoota irraa adda baasee waamuu isaati. Warroonni Yihudootaa Waaqayyoof amanamo hin turre. Kunis Kakuu jijjiirama guddaa Kakuu Haaraati. Amantaan nama tokko afoola kan hin taane, fuuldura isaa agarsiisa. Amantaan kan dhuunfaati malee kan biyyoolessaa miti. Hooggantoonni Yihudootaa kan Yesuus komatan qaama namoota Waaqayyoo hin turre.

▣ **“gad isaan ni baasa”** Kun fayyina isaanii qofa kan ibsu miti. Hordoffii guyyaa guyyaa isaanis ni ibsa malee. (cf. vv. 4 fi 9).

10:4 Kun du'aa gara garaa baay'ee galgalaa bakka tokkotti walitti qabuusaatiif wabiidha. Ganama tiksichi isaan waama, hoolonni isaas gara isaatti dhufu

10:5 “manni amantaa yeroo hunda tiksoota sobaa waliin mari'achuus qabu (1Xim. 4:1-3, 2Xim. 4:3-4; 1Yh. 4:5-6; 2Phex. 2)

10:6 “**Yesuus dubbii haalaa kana isaanitti hime**” Kun jecha sirrii hiikame miti (parabole) garuu hundee tokkorraa dhufe (paroiimian). Dubbiin akkanaa kun asitti qofa kan argamuu fi 16:25; 29 fi 2Phex. 2:22 keessatti argama. Haala biraan haa ta'u malee haala jechama wangeela siinoptikiitiin wal-fakkaata. Jechi paarabilii jedhu yeroo hunda argama aadaa amantaa dhugaa hubachuu cinaatti ibsuuf kan gargaaruudha. Haa ta'u malee ija amantaa dhabuurraan kan ka'e jaamte akka dhugaa hin hubanne gochuufis ni oola (cf. 16:29; Mar. 4:11-12).

4. “**garuu wanti inni isaanitti hime kun maal akka ta'e hin hubanne**” Osoo boqonnaan 10 yeroodhaan boqonnaa 9 waliin walitti dhufe. Jechi “isaan” jedhu Faarisoota ibsa. Arguuf waamaman (cf. 9:41), garuu arguu dadhaban (cf. 10:20). Amantaan dildila malees gufuu ta'uu danda'a.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:7-10

⁷“Yesuus ammas dhuguma dhuguman isinitti hima, ana balballi hoolotaa! ⁸Warri na dura dhufanii karaa biraatiin lixan hundinuu hattuudha, saamtuudhaas. Hoolonni garuu isaaniif hin dhageenye. Balballichi ana, inni anaan olgalu ni fayya, ol ni gala, gadis ni ba'a. Dheedichas ni argata. Hattuun waan biraaf otuu hin ta'in, hattuudhaaf, qaluudhaaf balleessuudhaafis ni dhufti, ani garuu hoolonni jireenya haa qabaataniif irra hafas haa qabaataniif dhufeera” jedhe.

10:7 “**Ani balbala hoolotaati**” Kun jechoota Yohaannis keessatti “Ani akkana” jedhan torban keessaa isa tokko. Dubbiin kun kan ibsu dhugaa Yesuus karaan dhugaa isa qofa ta'uusaati (cf. 8:10; 14:6). Kunis yeroo hunda kophuma yaada wangeelaa agarsiisa. Wangeelli icciti Waaqayyoo qofa kan ittiin beekan yoo ta'e, karaan Waaqayyoo wajjiin dhugaa ba'an tokko qofaadha, Yesuusitti amanu (HoE 4:12; 1Xim. 2:5) yaadannoo 8:12 ilaali.

10:8 “**warri na dura dhufanii karaa biraatiin lixan martinuu hattuudha. Saamtuudhaas**” qabiyyeen boqonnaa 9 fi 10 waa'ee ayyaana seenaa mana quqlullummaa eebbisuu ayyaanefamu (cf. 10:22) waan ta'eef, kun kan ibsu akka Masitti of ilaaluu Maqabisii fi dhaloota isa bara gidduu dhugaa ba'uu ture agarsiisa. Haa ta'u malee darbuu tiksoota sobaa karaa haaraa keessaa ni agarsiisa (cf. Isa. 59:9-12; Erm. 23; His. 34; fi Zeka. 11).

Dubbiin akka fakkeenyaatti himaman kun hubachuu dhabuu duraan ture hambisuuf; ibsa baldhaa fi hiikaa ifa ta'e kennuufi. Barreeffamoni tokko jecha “hunda” jedhu kan hambisu yoo ta'u, barreeffamni duraanii baay'een gaalee “ana dura” jedhu hambisu (p⁴⁵, p⁷⁵, x).

10:9 “**Inni anaan ol galu ni fayya**” Kun jecha ta'uumsaa sadarkaa sadaffaa ciroonsaa fuuldura raawwii (future passive) ta'eedha. Yesuus karra gara Waaqaa ittiin dhaqan isa qofaadha. (cf. 14:6). Jechi “fayyuu” jedhu kun wantoota ijaan hubatamu kan ibsu ta'uu carraa qaba (fakkeenyaaf; hoolonni fayyaadha). Haa ta'u malee Yohaannis yeroo hunda jecha kana kan filatu jechoota hiikkaa lama qabaniidha. Yaadrimmeen amantaadhaan fayyuu jedhus dubbii kana keessaa hin dhabamne (v. 42).

10:10 “**hatticha**” Kun hawwii dabaa dhokataa hattuu sobduu ibsa kaayyoo waan badaas ni muldhisa. Yaadni itti gaafatamummaa dhabuu hojjetoota akkanaa kana vv. 12-13 keessatti argachuu ni dandeenya. “balleessuu” mata dureewwan kana gadii ilaali.

▣ “**balleessaa**” Mada Duree armaan gadi ilaali.

MATA DUREE ADDAA: MATA DUREE ADDAA: BALLEESSAA (APOOLLUM)

Jechi kun hiikaa baldhaa qaba. Yaadirmeewwan amantaatiinis wal qabatee murtee fi balleessaa yeroo dheeraa fideera. Innis hiikkaa, 'barbadeessu', 'awwaalu' jedhu kan qabuu fi jecha damee “apo' fi 'alumi'

jedhamuun moggaafame.

Rakkinni jecha kanaan wal qabate dhufu yoo akka ibsa fakkiitti gargaaru. Kunis akka gaaritti Hiikaa jechoota Kakuu haaraa Lowaa fi hiikaa Giriikii Ingiliffaa Niidaa keessatti ni muldhata; kan hundaa'us maandhee seemaantikii vol. 2 fuula 30 irratti akka ibsameeti. Hiikaa jecha kanaas akka baay'eetti tarreessa:

1. Balleessuu (Fkn. Mat. 10:28; Luq. 5:37; Yoh. 10:10; 17:12; HoE 5:37; Rom. 9:22 vol. 1 fuula 232 irraa)
2. Argachuu dhabuu (Fkn. Mat. 10:42, vol. 1P 566)
3. dhabu (fkn Luq. 15:8; vol. 1 p566)
4. Iddoo beekuu dhabuu (fkn. Luq. 15:4, vol. 1 p330)
5. Du'a (fkn. Maat. 10:37, vol. p266)

Geerhaard keetil, *kuusaan jechoota Kakuu Haaraa*, vol. 1, fuula 394, itti fayyadama jecha kanaa hiikaa afur tarreessuudhaan ibseera.

1. balleessuu ykn ajjeesuu (fkn Maat. 2:13; 27:20; Mar. 3:6; 9:22; Luqaas 6:9; 1Qor. 1:19).
2. dhabuu ykn dhabuurraa kan ka'e (fkn. Mar. 9:41; Luq. 15:4,8)
3. cabu badu (fkn. Mat. 26:52; maar. 4:38; Luq. 11:51; 13:3,5,33; 15:17; Yoh. 6:12,27; 1Qor 10:9-10)
4. dhabamu (fkn Maat. 5:29-30; mar. 2:22; Luq. 15:4, ,21,32; 21:18; HoE 27:34).

Keetil akka jedhutti, #2 fi #4 jechoota jecha kanaan walitti dhufenya qabu kan jala muree yoo ta'u, #1 fi #3 kan ibsan jechoota biyya itti aanu ibsuudha akka Phaawuloosii fi Yohaannis (p394).

As irratti hubachuu dhabuun ni jira. Jechichi hiikkaa baldhaa kan qabuu fi barreessitoonni baay'een haala gara garaatiin itti fayyamaniiru.

Hiikaan jechoota Kakuu Moofaa Roobert b. Girdlestone fuula 275-277 bayeessa fakkaata, akka barreessaa kanaatti. As irratti jechicha namoota badanii fi Waaqayyoon bara baraaf gar-gar ba'aniif dhala namaa Kiristoos beekanii fi jireenya bara baraa isana argataniif kan fayyaduudha. Isaan dura ibsaman warra fayyan yoo ta'an kan lammata irratti ibsaman immoo warra badaniidha.

Ani akka kootti, jechi kun balleessaa kanibsu miti. (cf. E.fudga, The fire that consumer). Jechi bara baraaf jedhu kan gargaaru adabbii bara baraa fi fayyiinsa lubbuu bara baraatiif akka Maat. 25:46. tokko tuffachuun, lamaanuu dubbachuudha.

▣ **“Ani garuu hoolonni jireenya haa qabaataniif irraa hafaas haa qabaataniif dhufeera”** Galeen kun kan muldhisu akka waa gochuuf waadaa galuutti, haa ta'u malee gad-fageenyaan kan ibsu Yesuus sirritti beekuu fi badhaadha hafuura, kan ijaan hin muldhanne, kan inni fides malee qabeenya duuniyaa miti, (walcinaatti 4:14 fi 7:38). Kun jireenya keessatti waan baay'ee qabaachuu hin ibsu garuu, jireenya dhugaa beekuu fi hordofuu ibsa.

Akka galmee walfakkaataatti, Yesuus mootummaa Waaqayyoo irratti xiyyeeffata, Yohaannis Yesuus akka jireenya bara baraatti xiyyeeffatu ibseera. Hunduu jireenya kana amma argachuu danda'a. Kunoo mootummaan Waaqayyoo ifa ba'eera, banameera.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:11-18

¹¹Tikseen gaariin ana, tikseen gaariin lubbuu isaa hoolotaaf ni kenna. Tiksee dhugaa osoo hin ta'in bitame kan eegu, hoolonnis kan isaa kan hin ta'in, yeeyyiin hoolotatti dhufuu yommuu argu, hoolota dhiisee ni baqata. Yeeyyiinis hoolota bitatee warra hafan ni bittinsa. Namichi sun biatamee waan eeguufm hoolotaaf hin dhimmu. Tikseen gaariin ana. Ani hoolota koo beeka, hoolonni koos ana beeku, Abbaan akkuma ana beeku, anis akkuma abbaa beeku, anii fi hoolonni koo wal beekna. Lubbuu koos hoolotaaf nan kenna. Warra gola kanatti galan malees, hoolota kan biraa qaba; isana immoo Yaasuun anaaf ni ta'a. Sagalee koo ni dhaga'u walitti karra tokko ni ta'u. Tikseen isaanis tokko ni ta'a. Lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf, dabarsee waanan kennuuf abbaan koo na jaallata. Homtinuu lubbuu koo na dura hin fudhatu. Anumatu ofii kootiin kenna malee; Ani lubuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammoo deebisee fudhachuudhaaf aboo qaba; abboommii kana immoo abaa koo biraan fudhadha” jedhe.

10:11,14 “Ani tiksee gaaridha” Kun mata duree Kakuu Moofaa ture Masihichaaf 9cf. His. 34:23; Zak. 11; 1Phex. 5:4) fi Gooftaa (cf. ps. 23:1; 28:9; 77:20; 78:52; 80:1; 95:7; 100:3; isa. 40:11; Er. 23:2; 31:10; His. 34:11-16).

Jechoonni Giriikii lama jecha “gaarii” jedhuuf hiika ta’u (1) Agaatoos, yeroo hunda Yohaannis keessatti wantootaaf oola, (2) kaaloos kunis seeptuuwaaginitiitti jecha gaarii waan badaa momruuf oola. Kakuu Haaraa keessatti hiikaa “bareedaa”, “fayyaaleessa” “seexaa” fi “gatii” jedhu qaba. Jechoonni lamaan kun Wangeela Luqaas 8:15 keessatti dubbif oolaniiru. Yaadannoo 8:12 ilaali.

10:11 “tikseen gaariin lubbuu isaa hoolotaaf ni kenna” Jechi kunis kophumaan bakka bu’iinsa Kiristoos agarsiisa (vv. 11,15,17,18). Inni fedhiisaatiin lubuusaa sanyii namaa cubbamaa ta’eef dabarsee kenneera. (Isa. 52:13-53:12; Mar. 10:45; 2Qor. 5:2). Jireenya dhugaa fi badhaadhina du’a Isaatiin qofa argama.

Biruu Meetizaageer, kitaabaa waa’ee Kakuu Haaraa Giriikii irratti tuqaawwan barbaachisoo ta’an dhimma kanarratti kaaseera.

Lubbuun nama tokko dabarsee kennuu jecha jedhurra, akka Yohaannis keessatti ibsametti, (10:15,17; 13:37,38; 15:13; 1Yoh. 3:16), wabiin baay’een (p45, N*o), “lubbuu nama tokkoo kennuu” jecha jedhuun bakka bu’e. Akka wangeela biroo keessatti ibsametti (Mat. 20:28; Mar. 10:45)” (p230).

10:14 “Ani hoolota koo beeka, hoolonni koos na beeku” Kun jecha Hibruu “beekuu” jedhuun wal qabata. (Mata duree addaa 1:10 ilaali). Akka ilmi abbaa beekuu fi abbaan ilma beekutti, yesuus warra itti amanan ni beeka, isanais isa beeku. Isanais isa ni argu, ni dhagahus (v. 4) akkasumas ni deebisuuf (1:12; 3:16). Kiristaanummaan walitti dhufeenya dhuunfaati (17:20-26).

10:15 “Abbaan akkuma ana beeku, anis akkuma abbaa beeku” Kun wangeela Yohaannis keessa deddeebi’ameera. Yesuus walitti dhufeenya isa guddaa abbaa wajjiin qabu ni dubbata.

Dubbiin nama dingu as irratti, vv. 14-15, hawwii fi haalli walitti dhufeenya Abbaa fi Ilmaa, kan Ilmaa fi hordooftoota isaatiin wal fakkaata (cf. 14:23). Yohaannis kan irratti xiyyeeffatu ibsa Hibruun “beekuu” jedhu walitti dhufeenya jabaaf, malee dhugaan wal qabsiisuuf miti. Yesuus Abbaa ni beeka, kan Yesuus beekan Waaqayyoo ni beeku.

10:16 “warra gola kanatti galan malee, hoolota biraas qaba” Kun kan Isa. 56:6-8 yaadachiisuuf. Kunis kan ibsu 91) Samaaritaanota (cf. 4:1-42) ykn mana sagada jeentaayil (cf. 4:43-54). Kun walii galtee tokkummaa namoota Kiristoosiin dhugaa dalagan ibsa. Kakuun Haaraa Yihudootaa fi Jentaayiloota walitti firoomsa (cf. Ef. 2:11-3:13, 1Qor. 12:13; Gal. 3:28; Qol. 3:11). Seera ba’uu 3:15 fi Yohaannis 3:26 wal qabiisi.

▣ **“walitti karra tokko ni ta’u, tikseen isaanis tokko ni ta’a”** Kun kaayyoo Waaqayyoo yeroo hundaati (cf. Ba’u 3:15, 12:23 Ba’u. 19:5-6). Tokkummaa gara amantaa kanaan jirus Efesoon 2:11-3:13 fi 4:1-6 keessatti ibsameera.

10:17 “kanaaf abbaan koo na jaallata” Akka Ilmi lubbuusaa dabarsee kennuuf hin giddamne, Abbaanis Ilma isaa dabarsee kennuuf hin giddamu. Kunis Waaqayyoo Yesuusiif kan kennee ajajamuu isaatiif akka ta’etti hiikamuu hin qabu. (halli akkanaa kun Addoopshinizimii jedhama, hiikaa jechoota ilaali) lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf dabarsee

“waanann kennuuf” Kun du’aa ka’uumsa agarsiisa. Yeroo hunda Kakuu Haaraa keessatti Abbaatu ilma kaasa fudhatama. Aarsa hir’isuuf. As irratti garuu aangoon yesuus ofuma isaatiin du’aa of kaasuu mirkanaa’ee jira. Jechi kun yeroo hunda kan ibsu gochi waan badaarraa baraaramuu Qaama Waaqaa Sadanuun ta’u agarsiisa.

3. Waaqayyoo du’aa isa kaase (HoE 2:24; 3:15; 4:10; 13:30,33,34,37; 17:31; rom 6:4,9; 10:9; 1Qor. 6:14; 2Qor. 4:14 Gal. 1:1; Efe. 1:20; Qol. 2:12; Tes. 1:10).
4. Yesuus, Ilmi aangoon isaatiin of kaase (Yoh. 2:19-22; 10:17-18)
5. Hafuurri Waaqayyoo Yesuusiin du’aa kaase (Rom. 8:4)

10:18 “Ani aangoon qaba” Kun kan Lakk. 1:12 irratti ibsameen wal fakkaaa. Jechi kun “aangoon” “Mirga seeraa” ykn “humna” jecha jedhutti hiikkamuu danda’a. Kunis aangoon fi humna Yesuus ibsa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:19-21

¹⁹“Sababni dubbii kana hundumaatiif Yihudoonni ammas yaadaan gara gara ba'an. ²⁰Baay'een isaanii hafuura hamaatu isa keessa jira qalbiis dabarseera maaliif isa dhaggeeffatu? Jedhan. ²¹Kaan immoo Namni hafuurri hamaan keessa jiru dubbii akkanaa dubbachuu hin danda'u; hafuurri hamaan ija warra jaamaa banuu danda'aa ree?” ni jedhu turan.

10:19 Akkuma Yesuusirratti yaadni gara garaa ture 6;52; 7;12,25,43; 9:8-9,16; 10:19-21; 11:36-37, ammas Yohaannis keessatti itti fufee jira. Iccitiin wangeela fudhachuu fi kan biroo ammoo tuffachuun waldabiinsa filannoo bilisaa ilma namaa fi carraa of fuulduraa murteessuu irratti hundaa'a.

10:20 “hafuura hamaatu isa keessa jira” Kun balaaleffannaa beekamoo ilaalcha lama gara garaa irratti hundaa'uun Yesuusirratti godhamuudha.

1. Akka Lakk. 7;20 irratti ibsameetti Yesuus qalbiis dabarseera, jechuuf itti fayyadamu.
2. Balaalleeffannaan akkanaa kun madda aangoo Yesuus ibsuufis Yihudootaan itti fayyamaniiru (8:48,52)

10:21 v. 21 keessa gaaffiiwwan lamatu jira

1. v. 21a “*Ouk*” qaba jecha “eeyyeen” jedhu ibsameetti
2. v. 21b “*Me*” qaba jecha “miti” jedhu ibsameetti

Kakuu Haaraa Giriikii james heweetiin fuula 171 barreeffame ilaali. Kunis kan ibsu, garuu seeronni kooyinii Giriikii akkam cimaa fi kan hatattamaa akka ta'eedha. Haala himichaati malee seerulgni hin murteessu.

Fayyinni nama ija hin qabne mallattoo Masihichaaf ture. (Ba'u. 4:11; Far. 146:8; Isa 29:18; 35:5; 42:7). As irratti miira balluma (jaamummaa) Isiraa'el (Isa. 42:19) boqonnaa 9 irratti ibsamee ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:22-30

²²Yommuus Yerusaaalemitti ayyaanni seenaa mana qulqullummaa eebbisuu ni ayyaanefama ture. ²³Yesuus immoo mana qulqullummaa keessaa kutaa “Gardaafoo Solomoon” jedhamu jala ni deddeebi'a ture. Yemmuus warri Yihudootaa isatti naanna'anii “Ati hamma yoomitti garaa keenya rarraaftaa?” Masihicha yoo taate keessaa baasi nutti himi. Ittiin jedhan. ²⁵“Kana irratti yesuus deebisee “Ani isinitti himeera, isin immoo hin amantan hojiin ani maqaa abbaa kootiin hojjedhu hundinuu anaaf dhugaa hin ba'u. ²⁶Isin garuu hoolota koo keessaa waan hin taaneef hin amantan. ²⁷Hoolonni koo sagalee koo ni dhaga'u ani isaan beka, isaanis na duukaa ni ba'u. ²⁸Anis jireenya bara baraa isaaniif nan kenna. Isaan bara baraan ni badan. Namni tokko illee harka koo keessaa in butatu. ²⁹“Abbaan koo inni anatti isaan kenne hunduma irra guddaadha; homtinuu harka abbaa koo keessaa isaan butachuu hin danda'u. ³⁰“Abbaanii fi ani tokko” isaaniin jedhe.

10:22 “Ayyaanni seenaa mana quqlullummaa Eebbisuu” Jooseefas kana “Ayyaana ifaa” jedha. Akka Hanukaattis beekama. Kunis ayyaanaa guyyaa 8tiif gidduu ji'a Muddee kabajamuudha. Kunis yaadannoo injifannoo Maqaabis Dh.K.B bara 164 argate yaadachuuf. Dh.K.D bara 168. Hogganaa Seeleesiid kan ta'e Antiikes IV Eeppifaanees, Yihudoota gocha helenoota akka hojjetan dirqiisiisaa ture (Dan. 8:9-14). Mana qulqullummaa Yerusaaalemitti argamuus gara mana warra amantaa hin qabneetti jijjiire ture. Iddoo qulqulluu kana. Juudaas Maqaabis, ijoollee qeesii Maadiin baay'ee keessaa tokko kan ta'e, Mooticha siiriya kana injifachuudhaan erga qulqulleessee booda gamichaaf akka guyyaan qulqullummaasaa akk yaadatamu godhee ture (1Maq. 4:36-59; Maq. 1:18).

Yohaannis ayyaana mana seenaa quqlullummaa eebbisuu kana Yesuusiiif, mallattoo isaanii of fayyisuuf, bulchiinsa Yihudootaaf, lammiiwwan Jerusaaalemii fi imalaaf (boqonnaa 7-11) itti fayyadame.

“Gardaafoo Solomoon” kun iddoo iddoo baha dhaddacha dubartootaatti argamuu fi iddoo Yesuus itti barsiise Jooseefus akka jedhetti Gardaafoon kun badiinsa Baabilooniin bara 586 Dh.K.D ga'eerra hafeera.

10:23 “yeroon isaas yeroo gannaa ture” Kun ijaa gadi fageenyaan dhiyaatedha.

10:24 “osoo” Kun dubbii osoon rarra'e fi dhugaa ta'uunsaa barreessaadhaan tilmaamameedha. Jeechi walfakkaataan biros kan akkanaa ni argama (vv. 24,35,37 fi 38). Faayidaan kanaas akka v. 24 akkamitti hiikaa irra keessa keessatti fayyadu ibsameera. Gaaleewwan kunniin hundi dhugumaan yesuus Masii ta'uusaa hin ibsan, garuu ni fakkeessuu malee.

▣ **“keessaa baasii nutti himi”** Jecha kanarratti waa baay'ee mari'achuun ni danda'am. Dursa yesuus fakkeenyaan, ibsa fakkiitiin fi jechoota abdachiisoo dachaa ta'aniin barsiisaa ture. Namoonni kunniin gama sanatti wal ga'an Yesuus akka sirritti of ibsu barbaadu. Mata duree addaa Parrhesia jedhu lakk. 7:4 irraa ilaali.

2ffaa yihudoonni bara Yesuus barsiisaa turan Masihichi gooftummaasaa ni mirkaneessaa jedhanii hin eegane ture. Yesuus Abbaasaatiin wal fakkaachuusaa deddeebisee kaaseeraa (8:56-59). Garuu as irratti maaluma masihichaa sirritti gaafatu. Yihudoonni kan eegan Masihichi dibame kun akka Muuseetti akka hojjetu ture (cf. Deut. 18:15,19). Yesuus isa sana sirritti boqonnaa 6tti akka ibsametti hojjetee jira. Hojiin isaas raajiiwwan Kakuu Moofaa keessumattuu ija ballaa ibsuusaa sirritti ibseera. (Boqonnaa 9). Wabii barbaadan hunda arganiiru. Rakkinni ture garuu Yesuus fedhii isanaii kan akka hidhannoo, sabboonummaarraa barbaadan Masihicharraa dhabuu isaaniitti

10:25 “hojiin ani maqaa abbaa kootiin hojjedhu hundinuu anaaf dhugaa in ba'u” Yesuus hojiinsaa fedhiisaa kan mirkaneessan ta'uusaa ibseera (2:23; 5:36; 10:26,38; 14:11; 15:24).

10:26 “jecha naasisaan akkanaa maali:”

10:28 “Ani jireenya bara baraa isanaiif nan kenna” Jireenya baay'iinaaniifi qulqullinaan fakkeeffama.. Jireenya umrii haaradha. Amantaa Kiristootiis argama (cf. 3:36; 11:24-26)

Jireenyi bara baraa baay'inaa fi quqlullinaan ibsama. Innis lubbuu dhaloota haaraati. Innis Yesuusitti amanuun argama (3:36; 11:24-26).

▣ **“Isaan bara baraan hin badan namni tokko illee harka koo keessaa isana hin butatu”** jechi kun hin ta'uumsa lama of keessatti kan qabaatedha. Kun ergaa cimaa hordoftootaa hundaaf darbeedha. Eegumsaa guddaa Waaqayyoorraa qabaachuu isanaii (6:39). jaalala Waaqayyoon kan addaan nu baasuu danda'u, nu qofaadha (Ro. 8:38-39; Gal. 5:2-4). Mirkanni (boqonnaa addaa Yoh. 5:23 ilaali) tattaaffii wajjiin (Boqonnaa addaa 8:31 ilaali) wal gituu qaba, mirkanni haalaa fi gocha Waaqayyoo barbaadu bu'ureeffachuu qaba.

Wangeelli Yohaannis mirkana namoota Yesuusitti amananiin argamu ibsa. Irra deddeebii fi amantaa, amanamummaa haala jireenyaa keessatti murtee kennamuun eegala. Rakkinni karaa amantaan yoo ilaalamu garuu yoo walitti dhufeenyi namootaa, akka walitti dhufeenya meeshaatti ilaalameedha (takka yoo fayye, yeroo hunda ni fayya). Amantaadhaan jiraachuun fayyina dhugaatiif ragaadha (Hibruu, Jeems, fi 1Yoh. ////////////////)

10:29

NASB, NKJV

“abbaan koo inni anatti isaan kenne, hundumarra guddaadha”

NRSV

“kan abbaan koo naaf kenne kan hanga ammaarra guddaadha”

TEV

“kan abbaan koo naaf kenne hundumarraa guddaadha”

NJB

“abbaan koo waan inni naaf kenneef, hundumarraa ni caala”

Gaffiin as irratti ka'u jechi “hundumarra guddaadha” jedhu (1) ummata Waaqayyo Yesuus kenneef (NRSV, TEV) ykn (2) Waaqayyoo (NASB, NKJV, NJB). Kutaan isa lammataa kan ibsu immoo wantoota hordoftoota Yesuus butuu barbaadaniidha. Karaa ti'oolojiitiin hiikkaanisaa lammata wayya fakkaata. Mata duree addaa mirkana 6:37 ilaali.

Kun ergaa guddaa hordoftootaaf aangoo Abbaa irratti hundaa'ee mirkanaa'edha. Madiniin hordoftootaa kan akka dhugaa Macaafa Qulqulluu boca bocaan gurmaa'eera. Warri gooftaatti amananis abdiif fi mirkanni fayyummaa amala Waaqayyoo fi araaraa fi guddina isaati. Haa ta'u malee hordoftoonnii amantaa isanaii itti fufuu qabu. Fayyinni kan jalqabu murtii qalbiinii fi amantaa irraa deddeebi'uudhaani. Akkasumas yeroo hunda amantaa, ajajamuu fi tattaaffiis ni eera. Fayyinni oomisha miti (akka inshuraansii lubbuu, ykn tikkeetta jeennataa) garuu walitti dhufeenya namoonni karaa Yesuusii Waaqayyoon wajjiin qabaniidha.

Mirkanni walitti dhufeenya dhugaa Waaqayyoon wajjiin qaban kan jijjiirama jireenya amantaa tajaajilaa (Mat. 7). Wabiin xiqoqon Macaafa Qulqulluurraa kiristaanota fooniif ni jira (1Qor. 2-3). Duudhaan ammaa

Yesuus jaallachuudhas malee yoo duune qofa Jennata seena qofaaf miti. Namoota cubbuu waliin guddatan, tajaajilan fi qabsaa'anii fi mirkannii fi madinummaan Macaafarraa dhabameeti miti. Gar'uu 'firiin hin jiru' 'hiddii hin jiru' waan ta'eef! Fayyinni amantaa fi Waaqayyoon guddaan qofa, garuu fayyinni dhugaa hojiiwwan gaarii hunda ni kaasa (Efe. 2:10; Yaq. 2:14-26).

10:30-33 “Abbaanii fi ani tokko... isa ajjeesuudhaaf ammas dhagaa funaannatan” Kun jechoota ciccimoo Yesuus dubbatedha. Akka Masihummaa fi Waaqummaa (1:1-14| 8:58, 17:21-26) jecha “tokko” jedhu fayyadama. Yihudoonni waan inni jedhe guutummaatti hubatanii, akka maqaa balleessutti lakkaa'an (v. 33; 8:59). Ajeessuuf dhagaa funaanan 24:16.

waldhabbi hubannoo qaama Yesuusiirratti jalqaba ture (i.e. Ariyoor kan dur dhalate. Atinaasiyoos (guutummati Waaqa) v.30 fi 14:9 yeroo hunda Atinaatiwoosiin fayyadame. Seenaa kitaaba qulqulluu kaambiriijii v.1 fuula 444) ilaali. Ariyaanizimiif ammaa hiikkaa jechootaa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:31-39

³¹“Kana irratti warri Yihudootaa dhaga'anii isa ajjeesuudhaaf ammas dhagaa funaannata. Yesuus garuu deebisee “hojii gaggaarii abbaan koo natti kennee baay'ee hojjethee isinitti agarsiiseera; isaan kana keessaa hojii isa kamiif dhagaadhaan ana dha'uu barbaaddu?” isaaniin jedhe. ³³Yihudoonni ammoo “Ati Waaqayyoon waan arrabsiiteef malee, hojii gaarii waan hojjeteeff dhagaadhaan kan si dhooftu miti. Ati nama taatee otuma jirtuu Waaqayyoon of goota'o” jedhanii deebisaniif. ³⁴“Yesuus ammoo anoo isin Waaqayyoota isiiniif jedheera kan jedhu Seera keessan keessatti caafamee jira mitii? ³⁵“Waaqayyo warra dubbiin isaa itti kennamee 'Waaqayyoota jedhe' waan Macaafni jedhus hin digamu. ³⁶Yoos immoo ana, isa abbaan qulqulleessee gara biyya lafaatti erginaan 'ani ilma Waaqayyooti' jedhe kanaan attamitti Waaqayyoon arrabsita jetturee? ³⁷Egaa ani hojii abbaa koo hin hojjetu yoon ta'e anatti hin amaninaa. ³⁸Ani hojii abbaa koo nan hojjetu yoo ta'e garuu anatti yoo amanuudhaabaattan iyyuu, hojii kanatti amanaa. Kanaanis abbaan ana keessa anis abbaa keessa akkan jiru, ba'eessa gootanii in hubattu isaanin jedhe. ³⁹“Yihudoonni ammas isa qabachuu barbaadan. Ani garuu isaan harkaa ba'ee sokke.

10:31 jechi kun hima Yesuus lakk. 30 irratti ibsameen walitti dhufeenya qaba. Yesuus himannaa isaanii haala hin baratamnee fi seera Yihudootaatiin deebiseefi. Jecha eeloohim wajjiin deema. Kakuu Moofaa keessatti jechi kun hiikkaa 'Waaqayyo' jedhu qaba. Garuu akka jecha baay'ina himuutti, ergamootaa fi hoggantoota ilmaan namaa ibsuuf gargaara. Mata duree addaa: Maqaa Waaqayyoo jedhu ilaali 6:20.

10:32 Gaariin (Kaaloos), tikseen gaarii hojjetu (kaaloos) kan hojjetan Waaqayyooni.

10:33 “Waaqayyoon waan arraabsiiteef” Yesuus akka isaan Abbaa wajjiiniin tokko ta'e beekaan, ni beeka ture.

10:34 “Seera keessan” Yesuus faarfannaa irraa, Far. 82:6 itti hime, garuu seera jedheen (i.e. Tooraah jechuun barsiisota 12:34; 15:25; 3:9-19. Jechi seera jedhu yeroo hundaa barreeffamoota Muusee (Torah) jedhuuf himama, jechoota seera uumaa kun kan agarsiisu faayidaan jecha kanaa Kakuu Moofaa hunda waliin ga'uuf akka gargaaru agarsiisa.

▣ **“Isin Waaqayyoota”** Yesuus jecha kana kan caqase Far. 82:6 irraayi. Jecha eeloohim jedhus abbaawwan seeraa, namoota ta'an ibsuuf itti gargaarame (Eeloohim mata duree Addaa 6:20 irra ilaali). Abbootiin seeraa kunniinis ijoollee “Warroota gurguddoo” jedhamu. Yihudoonni Yesuusiin kan qoccolan, nama ta'ullee (1) Ilma Waaqaati ofiin jedha (2) Waaqaati tokko ofiin jedha. Namoonni biroo ammaa “Waaqayyoota” jedhamaniiru (Ba'u. 4:16; 7:1; 22:8,9); Ps 82:6; 138:1).

Dubbiin walii galaa Yesuus dubbatee, sarara kana kan hordofu fakkaata. Barreeffamoonni dhugaadha. Namoonni erga eeloohim jedhamani maaliif ani ilma Waaqaati jechuu kootiif na yakkitu? Jechi eeloohim jedhu afaan hibuutiin danuu ykn ibsu garuu yoo Waaqayyoon ibsuuf hiikkamu qeenxee dha. Mata duree addaa Maqaa Waaqaa 6:20 irra ilaali. Kun jecha addaa Yohaannis fayyadame: (1) jecha dachaa fi (2) gaaffii afaan Giriikii gaafatamuuf jecha deebiin “eeyyeen” jedhu akka deebitti eegamu.

10:35 “waan Macaafni jedhus hindiigamu” Yohaannis yeroo hunda dubbii Yesuus irratti yaada ni kenna. Kun jecha Yohaannis ykn kan Yesuus ta'uunsaa adda hin baane. Lachanu dubbatan waan fudhatama qabuuf garuu rakkina hin qabu. Caqasicha amanuun barreeffamichi amanamaa gochuudha. Yesuusii fi duuka buutonni isaa Kakuu Moofaa ilaaluunii fi hiikkaa isaanii xiinxaluun jecha Waaqayyo ta'uusaa ilaalu. (Mat. 5:17-19; Qor. 2:9-13; Tas. 2:13; 2Xim. 3:16; 1Phex. 1:23-25; 2Phex. 1:20-21; 3:15-16).

Phaaphaasii H.C.G *Muuleen seenaa Phaaphaasii Mulee* keessatti akka jedhutti,

Inni (Yesuus) guutummaati Macaafa Qulqulluu ni amana, jechoonni naaf hin gallee fi natti ulfaatan Macaafa keessatti argamanillee, karaa naaf hin galleen hin fudhadhu garuu kitaabicha isaaf jecha nan amana. (cf. 138).

10:36 Jecha kana keessatti, Yesuus kan jedhu akka abbaa isa fialte (ykn “silati” godhe” ykn “aarsaa godhe” fi isa akka Masihitti erge kanaafu inni ilma Waaqaa jedhamuuf dhuguumatti mirga qaba. Akka jaarsooliin ykn abbootni seeraa Israa'el Waaqa bakka bu'an (Far. 82:6), innis Waaqayyo jechaa fi gochaan bakka bu'e. (Mata duree addaa seene (Apoosteeloo) ilaali 5:24.

10:37 Kun dhugumatti kan vv. 19-21 jedhu ibsa. Dinqiin Yesuus gocha Waaqayyot ibsa.

10:36,38 “osoo...osoo” Hiima osoo sadarkaa tokkoffaati. (first class condition sentence) Yesuus hojii abbaa isaat hojjeta. Erga kana ta'e, itti amanuu qabu turan, innii fi abbaan tokko ta'uu isaas (vv. 30,38). Mata duree addaa: Abdiin Yohaannis Iffaa keessatti jedhu 2:10 ilaali.

10:39 Kun yeroo baay'ee Yesuus ajjeechaa jalaa miliquu ibsa. (Luq. 4:29-30; Yoha. 8:59). Haa ta'u malee miliqni kun (1) gocha diinqiitiin ykn (2) jaalatama Yesuusiif qabaniin namoota baay'ee gidduu lixa jalaa ba'ee hin beekkamne.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 10:40-42

⁴⁰“Yesuus ammas gama Yordaanos, iddoo Yohaannis duraan itti cuuphaa ture dhaqee, achi bubbule.

⁴¹Namoonni baay'eenis gara isaa dhufani “Yohaannis milikkita tokkollee hin agarsiifne, garuu waa'ee namicha kanaatiif kan inni dubbate hundinuu dhugaa ture jedha. ⁴²Achitti namoonni baay'een Yesuusitti amanan.

10:40 Kun naannoo jaarikoo ka'ee gama Yordaanos naannoo magaalaa Bitaniyaatti dhihoo ta'edha.

10:41 Ammas Yohaannis, Yohaannis cuuphtichi Yesuusiif dhugaa bahee akka mirakneesse ibsa (1:6-8, 19-42; 3:22-30; 5:33).

Kun yaada dogoggoraa Yohaannis cuuphaa sababeeffachuun isaan keessatti ka'e hambisuuf kan dubbate ta'uu danda'a.

10:41 Hooggantoonni Yihudootaa Yesuus fudhachuu dhiisanis namoonni biroo garuu amantaadhaan isaaf deebisaniiru (itti amananiiru) (cf. 2:23; 7:31; 8:30). Mata duree addaa 2:23 irra ilaali.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikkaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikkaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yohaannis malaiif yeroo hunda jechoota (fakkeenyaaf “Yessuus karra hoolotaatii fi tiksee gaaridha) jedhan walitti maka?
2. Duubni (background) Kakuu Moofaa Yohaannis 10 maali?
3. Barbaachismaan Yesuus “cubbuusaa dabarsee kennee” maali?
4. Yihuudonni maaliif Yesuusiin seexanaan hojjeta jedhanii himannaa isaanii itti fufan?
5. Hojiiwwan Yesuus maaliif barbaachisu?
6. “Madinummaa hordofootaa? fi “tattaaffii Qulqulloota” akkamiin firoomsita?

YOHAANNIS 11

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Alaazaar du'uusaa 11:1-16	Alaazaar du'uusaa 11:1-16	Alaazaar ka'uusaa 11:1-16	Alaazaar du'uusaa 11:4 11:5-7 11:8 11:9-11 11:12 11:13-15 11:16	Alaazaar du'aa ka'uusaa 11:1-4 11:5-10 11:11-16
Yesuus du'aa ka'uu fi jireenya 11:28-37	Yesuus du'aa ka'uu fi jireenya 11:28-37	11:28-37	Yesuus du'aa ka'uu fi jireenya 11:17-19 11:20-22 11:23 11:24 11:25-26 11:27	11:17-28
Yesuus boo'uusaa 11:28-37	Yesuusii fi duuti diina isa dhumaati 11:28-37	11:28-37	Yesuus boo'uu isaa 11:28-31 11:32 11:33-34a 11:34b 11:35-36 11:37	11:28-31

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA A ISA JALQABARRA HORDOFUU**

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

CUUNFAA TIYOOLAJII

Faayidaan tiyoojiikaawaa boqonnaa 11 qabu.

1. Abbooti aangoon Yesuus itti fufee hojjechuu isaa ibsuu
2. Du’aatiin Alaazaar fedha Waaayyoon kan ta’ee fi carraa guddummaa (jabina) isaa ibsuuf ta’e ta’uu isaa ibsuuf.
3. Moortaan Yesuus waliin dubbachuun ishee carraa suukanaa’uu ishee fi Yesuus dursee mul’ata ofiif qabu ibsuu (i.e Du’aa ka’uu fi jireenya ta’uusaa).
4. Yesuus amma jireenya bara baraa kennuu isaa (hiikumsa lubbuu). Kunis kan inni fakkoomfame du’aa ka’uu Alaazaariin. Yesuus du’a irratti to’annoo ni qaba.
5. Dinqii guddaa ifatti ta’e kanaan illee ta’u, Amanuu dhabuun ittuma fufe (dhiifama cubbuu dhabuu, mata duree addaa 5:21 irra ilaali).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:1-16

¹Bittaaniyaa ganda Maariyaamii fi obboleettii ishee Maartaatti; Namichi Alaazaar jedhamu tokko dhukkubsachaa ture. ²Maariyaam kun ishee gooftaa urgooftuu dibdee, rifeensa mataa isheetiin miilla isaa haxooftedha. Alaazaar inni dhukkubsate kun immoo obboleessa isheeti. ³Kanaaf obboleettonni isaa gara Yesuusitti nama erganii, “Gooftaa! Kunoo inni ati jaalattu ni dhukkubsata” jedha. ⁴Yesuus kan ayommuu dhaga’e. Dhukkubni kun Alaazaar du’ee akka hafuuf miti. Ulfina Waaqayyoo akka mul’isuuf, ilmi Waaqayyoo ittiin akka ulfaatuuf malee” jedhe. ⁵Yesuus immoo Maarta fi obboleettii ishee, Alaazaariinis ni jaalata ture. ⁶Garuu dhukkubsachuu Alaazaar erga dhaga’ee iyyuu, iddoodhuma ture sana guyyaa lamaaf oole. ⁷Kana booddee garuu, Yesuus “Mee koottaa ammas biyya Yihudaa ni dhaqnaa” jedhee bartoota isaatti ni dubbate. ⁸Bartoonni isaa ammo, “Barsiisaa! Dhiyoo kana Yihudoonni dhagaadhaan si dhahuu barbaadan. Ati immoo ammas achi dhaquu yaaddaa? Jedhaniin ⁹Yesuus garuu deebisee, “Ifni guyyaa tokkoo sa’atti kudha lama qaba mitiiree? ¹⁰Namni guyyaadhaan adeemu, ifa aduu waan argatuuf, hin gufatu. Namni halkannin adeemu garuu, ifa of keessaa wan hin qabneef ni gufata.” Jedhe. ¹¹Yesuus kana erga dubbatee booddee “Alaazaar firri keenya rafeera. Ani immoo dhaqeen isa dammaqa” isaniin jedhe. ¹²Kana irratti bartoonni isaa yaa gooftaa yoo rafeera ta’ee’oo ni fayya” jedhaniin. ¹³Yesuus akka Alaazaar du’e isaanitti dubbatee, isaan garuu waa’ee rafiitii hirribaa waan dubbate isaanitti fakkaate. ¹⁴Kanaaf Yesuus mul’inumatti “Alaazaar du’eera, isin amanuu akka dandeessaniif, бага ani achi hin jiraatiin, amma garuu koottaa gara isaa ni dhaqnaa! Isaaniin jedhe Toomaas inni “Diidimoos” jedhame immoo, “Egaa koottaa ni dhaqnaa Nuyis barsiisaa wajjin ni dhaqnaa” jedhee bartoota warra kaanitti dubbate.

11:1 “namichi tokko dhukkubsachaa ture” Kunis Henna alsirriidha. Kunis kan inni ibsu, yeroo hedduuf dhukkubsachaa turuu isaati. Ta’uyyuu Hennaan Alsirrii kun, kan inni hiikamu “Dhukkubsachuu jalqabe” kan jedhuun ta’a.

▣ **“Alaazaar”** Kunis maqaa Ibrootaa kan “Eleazer” jedhu kan hiika “Waaqayyotu gargaare” (God helps) ykn Waaqayyo gargaaraadha (God is helper) jedhu qabudha. Yohaannis kan inni tilmaame/yaada dubbistoonni akka Yesuus hiriyummaa Maariyaam, maartaa fi Alaazaar waliin qabu akka beekaniif (cf. Luq. 10:38-42; kan wangeela oliifoo (synoptic Gospel) keessatti ibsame isa qofadha.

▣ **“Bitaaniyaa”** Kunis Bitaaniiyaa kan 1:28 fi 10:40 irratti eerame irraa bakka adda ta’edha. Kan Yaariikootti dhiyaatu laga Yordaanooisiin kan marfamedha. Bitaaniiyaan kunis gara kibbaatti maayilii lama Yerusaaalem irraa kallattii gaara gersaatti argama. Bakcf.kunis bakka Yesuus yeroo Yerusaaalem faa’u itti kadhatuuf filatamaadha.

▣ **“Maariyaam”** Kunis jecha ibrootaa kan “Miiriyaam (Miriam)” jedhudha.

▣ **“Maartaa”** Kunis jecha Araamaayik kan “Mistress” jecha jedhuuf ta’udha. Kunis kan yeroo hedduu miti, kan jalqabaa dursa hin eeramne, tarii Luq. 10:38-42n walqabata.

11:2 “kun ishee gooftaa urgooftuu dibdee, rifeensa mataa isheetiin miilla isaa haxoofte” Sararri lammaffaan, maxxansa dabalataa Yohaannis barreesse (i.e TEV, NET)dha. Haaluma kana fakkaatuun dubartiin kun (cf. 12:2-8) Maatiyaas (cf. 26:6-13) fi Maarqoos (cf. 14:3-9) irratti eeramteetti. Dubartiin kun kan Luq. 7:36ff irratti eeramte irraa addadha. Waraabbiin kun kan inni ibsu, ta’ii hanga ammaattuu wangeela keessatti hin galmoofnedha. Kan inni galmaa’es Boqonnaa 12 irratti. Namoonni hedduunis, madda biroo irraa adda baasanii akka waa’ee maatii kanaa dubbistoonni beekaniif kan Yohaannis eegaa ture” jedhanii yaadu.

MATA DUREE ADDAA: WANGEELA KEESSATTI DIBAMUU (DBD 603)

- A. Miidhaginaaf gargaara (cf. Kes. 28:40; Tuut 3:3; 2Sam. 12:20; 14:2; 2Mot. 28:15; Dan. 10:3; Amos 6:6; Mik. 6:15)
- B. Keessummootaaf gargaara (cf. Far. 23:5; Luq. 7:38,46; Yoh. 11:2)
- C. Fayyinaaf gargaara (cf. Isa. 6:1; Er. 51:8; Mar. 6:13; Luq. 10:34; Yaq. 5:14)
- D. Qophii Awaalchaaf gargaara (cf. Uma. 50:2; 2Mot. 16:14; Mar. 16:1; Yoh. 12:3,7; 19:30-40)
- E. Mura Amantiif gargaafa (cf. Uma. 28:18,20; 31:13 Capiller) Ba’u 29:36 (Healer) Ba’u 30:26; 40:9-16; Lew. 8:10-13, Lakk. 7:1 (the tabernacle).
- F. Geggeessummaa Afuuraa fudhachuuf gargaara
 - 1. Luboota/Qeesota
 - a. Aroon (Ba’u 28:41; 29:7; 30:30)
 - b. Ijoollee Aaroon (Ba’u 40:15, Lew 7:36)
 - c. Gaalee sadarkaasaa eeggate/Aanka (title) (cf. lakk 3:3; Lew. 16:32)
 - 2. Mootota
 - a. Waaqayyoon kan filataman (cf. 1Sam. 2:10; 2Sam. 10:7; 2Mot. 9:3,6,12; Far. 45:7 89:20)
 - b. Raajotaan kan dibaman (cf. 1Sam. 9:16; 10:1; 15:1,17; 16:3,12-13; 1Mot. 1:45 19:15-16)
 - c. Lubootaan kan dibaman (cf. 1Mot. 1:34,39; 2Mot. 11:12)
 - d. Jaarsotiin kan dibaman (cf. abo 9:8,15; 2Sam 2:7; 5:3; 2Mot 23:30)
 - e. Yesuus akka Masihii Motichaatti (cf. Far. 2:2; Luq 4:18 [Isa 61:13]; HoE 4:27; 10:38; Ibr. 1:9 [Far. 45:73])
 - f. Duuka buutota Yesuus (cf. 2Qor. 1:21; 1Yoh. 2:20,27 [chrisma])
 - 3. Haala danda’amanis Raajota (cf. Isa. 61:1)
 - 4. Haala hin amanamneen gocha hiikumsa Waaqayyorraa dhufu
 - a. Saayiraas (cf. Isa 45:1)
 - b. Mootii Taayiree (cf. His. 28:14 (bakka inni Edoomiif bakka bu’ee tajaajile)
 - 5. Jechi ykn Aankiin (title) “Masihi” jedhu “Isa dibame” jechuudha (BDB 603)

11:3 “obboleettonni gara isaatti sagalee rgan” Egaa Ysuusitti ergaan osoo inni Peeriyaa Yorsaanoos gama jiruu itti himan.

▣ **“Inni Ati jaalatti dhukkubsateera”** Kunis hariiroo addaa kan Yesuus maatii kana waliin qabu agarsiisa. Kunis jecha Giriik “*phileō*” jedhudha. Ta’uuyyuu Afaan Giriik (coine)dhaan jecha “*phileō*” fi agapaō jedhan bakka wal bu’uun tajaajilau (cf. lakk. 5:3,35; 5:20).

11:4 “dhukkubni kun kan du’aa miti, garuu ulfina Waaqayyoo ta’a” Kuni kan inni ibsu, Yesuus Alaazaar dhukkubsachuu isaa beekuu isaatii. Akka inni du’uuf abboomuu danda’a. Kunis ulfinni Waaqayyoo karaa isaa akka mul’atuuf du’aas isa kaasuudhaan jechuudha. Dhibee fi Dhiphinni yeroo tokko tokko fedha Waaqayyoo ta’uu danda’u (cf. 9:3; Macaafa Iyyoob 2Qor. 12:7-10).

▣ **“ulfina Waaqayyoo”** Hojiin Yesuus “ulfina Waaqayyoo” ibsa. Yaadannoo 1:14 irra jiru dubbisi.

▣ **“ilmi Waaqayyoo ittiin akka ulfaatuuf malee”** Gaaleen sanyummaa kan Waaqayyoo (of God) jedhu Barreeffamoota Giriik durii (papyri manuscripts p45 ykn p66 irra hin jiru. Dhukkubni kunis ulfina abbaa fi ilmaa kan mul’isudha. Ulfinni Yesuus yoomeessa kan keessatti kan namoonni Eean irraa adda ta’ee mula’te. Wangeela Yohaannis yoo sakattaanee, jechi kun Fannifamuu Yesuus fi ulfina isaa ibsa. Alaazaar du’aa ka’uun isaa gaggeessitoonni Yihudaa Yesuus du’aaf akka abaarsaniif sababa ta’eera.

11:5 yaada Biroo kan Yohaannisiin maxxanfame (cf. lak. 36)

11:6 “iddoodhuma ture sana guyyaa lama oole” Yesuus hanga Alaazaar du’utti ni ture. Yesuus haala mijaataa keessatti miti kan inni hojjete. Dhukkuba kana keessas kaayyoon Waaqummaa ni jira (cf. lak. 15; 9:3).

11:7 “kana booddee, Mee koottaa amma biyya Yihudaa dhaqnaa!” jedhee bartoota isaatti ni dubbate” Mariin/dubbiin isanaa kun kan inni agarsiisu duuka buutonni, Yihudoonni Yesuus dhagaan rukutanii ajjeessuuf barbaaduu isanaa beekuu ibsa (cf. Lakk. 8, 8:54; 10:31,39). Bartoonni isaa kun, Amantiifi soda waamake qabu (cf. lak 16) toomaas yeroo hedduu nama shakkii qabu jedhamee beekkama, garuu asitti Yesuus wajjiin akka du’uuf jiru fedhii qaba (cf. lak 16).

Mikaa’eel Magill, jijjiiraa Kakuu Haaraa(p 345 # 43) hubannoo cimaa “koottaa ni deemnaa” jedhu irratti kaa’eera lak. 7 irra kan jirus kan hojiirra oole isafi, garuu “Nan deema” kan jedhun immoo lakk 11 irrattidha. Bartoonni isaa Ni Shakkan, ni sodaatanis, garuu Yesuus ofitti amanaa ture. Kan lak 16 irratti Yesuusiin wla qabates/walarges Toomaas ture.

11:9-10 kunis karaa boqonnicha duubatti deebi’anii boqonnaa 8;12 fi 9:4-5 (cf. 12:35) waliin wal qabachiisanidha. Lakk. 9a “Eeyyee” kan jedhu eega. Warra fedha Waaqayyoo duukaa bu’anii fi warra kaan gidduu gargaarummaa beekkamaa fi ifa ta’etu jira (Yesuus warra bu’an Yihudoota lak. 10). Bakka Waaqayyoo isa karoorsetti deemuu malee Yesuus dogoggora tokko illee hin raawwanne, sababni isaas Inni ifa addunyaa ti’oo!

Garaa garummaa ifaa fi dukkana gidduu kun kan inni mul’isu ogbarruu gaarummaa Yihudootaa Gewish Wisdom literature) fi barreeffamoota Quumran (i.e The Scroll of the Sone of light gainest the sons of Darkness or war of the sons of light against the sons of Darkness).

▣ **“yoo...yoo”** Hima otolaa sadarkaa sadaffaa lamaan kan gocha kuufame ibsudha.

11:11 “Alaazaar Firri keenya Rafeera” Gochimni isaa Agarsiistuu Alsi’aayina sirriti. Bartoonni yeroo baay’ee Yesuusiin hubachuu hin dandeenye, sababni isaas akka ogbarruutti waan fudhatanifidha (cf. lak 31). Yesuus kanas du’aaf bakka buusee kan itti fayyadame tajaajila Kakuu Moofaacalaqqisuuf (cf. Kees. 31:16; 2Sam. 7:12; 1Mot 1:21, 43; 14:20). Jechi Ingilzii “cemetery” jedhus hidduma wal fakkaatan akka jecha Giriikitti “sleep” jedhu irraa dhufe.

11:12 “yoo/otoo” Hima Otolaa sadarkaa tokkoffaaf kan galedha. Kan kaayyoo ogbarruu barreessaaf kan dhugaa’ummaan isaa eegamudha.

▣ **“Inni fayya”** Kunis gama ogbarruutiin jecha “Fayyuu/saved” jedhu kan Kakuu Moofaakeessatti “fooniin hiikamu/fayyuu” jedhuuf ta’a (cf. Yaq. 5:15). Ammallee Baroonni Yesuusiin hubachuu hin dandeenye sababni isaas:- jecha bakka buusaa ykn Iddeessa Afaanii kan inni iffi fayyadama Akkuma inni jedheen/sadoonii isaa osoo hin hubatiin/ fudhatani. Warri isa dhaga’an kunneen isa hubachuu dadhabuun isanaii kun, amala wangeela Yohaannisi. Afuura quqlulluu malee (i.e peenxeqoostee) hubachuu hin danda’ani.

11:15 “isin amanuu akka dandeessaniif бага ani achi hin jiraatiin kanaaf amma amanuu ni dandeessu” Yesuus kan inni ibseef du’aa ka’uun Alaazaar sababa fira isaa ta’eef ykn Maariyaamii fi Maartaa waan jaalatuuf osoo hin taane (1) Amantii bartootaa cimsuu (cf. lak 14) fi gaggeessitoota Yihudaaf amantii isaan qaban jajjabeessuufidha (lakk 42) Yohaannis keessatti amantiin adeemsa. Takka takkas ni guddata (i.d duuka buutota, cf. 2:11), Takka takka immoo hin guddatu (i.e warra ittiin dhaheef [bystandess] cf. 8:31-59).

11:16 Baafanni Ifumaan ifatti “Amantii Toomaas” agarsiisa. Innis Yesuus waliin du’uuf fedhii qaba ture. Aboon Yesuus du’a irratti fi soda guddaa dhala namaa irratti mul’atu irratti qabu akka mul’atu barbaadu bartoonni isaas.

Maqaan “Toomaas” jedhu jecha Aramaayik kan “tuln” jedhu akkuma Didimoos kan jedhu Afaan Giriikiin ta’e agarsiisa. Saayinooptikoonnis Maqaa isaa akka ergamaatti tarreessu (Mat. 10:3; Mar. 3:18; Luq. 6:15). Wangeelli Yohaannis yeroo hedduu isatti dubbata (cf. 11:16; 14:5; 20:24-29; 21:2). Mata duree addaa “Chaartara Ergamootaa” jedhu 1:45 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:17-27

¹⁷Yesuus yommuu achi ga’e, Alaazaar du’ee erga Awaalamee guyyaa afur ta’uu isaa bare. **18**Bitaniyaan Yerusaalem irraa akka kiilomeetirii sadii yookiin Adeemsa sa’atii walakkaa duwwaa ni fagaata ture. **19**Yihudoonni baay’eenis waa’ee du’a obboleessa isaaniitiif Maartaa fi Maariyaamin jajjabeessuudhaaf dhufanii turan. **20**Maartaan dhufa Yesuus dhageessee gad itti baate; Maariyaam garuu mana keessa ni teessi turte. **21**Maartaan yommuus Yesuusiin “Gooftaa utuu ati as jiraattee, obboleessi koo hin du’u ture” **22**“Ammuma iyyuu immoo waanuma ati isa kadhatte, Waaqayyo akka siif kennu ani nana beeka” jette. **23**Yesuus yommuus “obboleessi kee ni ka’a” ittiin jedhe. Warri du’an

11:17 “Awwaala keessa erga turee guyyaa Afur ta’e” Barsiisn Yihudootaa akka jedhetti foon wajjiin walqabatee afuurri kan turuu dandeessu guyyaa sadiif (erga du’anii). Yesuusis kanaaf, hanga guyyaa Afur ta’utti turee Alaazaar dhuguma akka du’e argisiise kun immoo duree barsiisa Yihudootaan aladha.

11:18 “Akka maayilii lamaa” Lakkofsi 18ffaa yaada Yohaannis kan biroof kan maxxanfamedha. Kunis gama hoggarruutiin garfoo kudhashan (fifteen furrhons) ta’a.

11:19 “Yihudoonni hedduun Maartaa fi Maariyaam bira dhufan” Kunis jecha Baabsawaa (neufalterms) “Yihudoota” jedhu kan yeroo mara Yohaannis “Diinota Yesuus” jedhee ta’uyyuu barreeffama kana keessatti, salphaadhumatti jiraattoota Yerusaalem warra maatii kana beekan ibsa (cf. lakk. 31,33,45).

11:20 “Maariyaam mana turte” Bakcf.yeroo mara Yihudoonni gaddaaf taa’an lafa ture.

MATA DUREE ADDAA: HAALA ITTI GADDAN

Israa’eloonni du’aaf Gadda isaanii nama jaalataniifi akkanaama tokkotti qalbii diddiirrachuuf, akkasumas yakka ofiitti gaabbuuf haala adda addaan ibsu.

1. Funyoon of rukutuun Uma. 37:29,37; 44:13; Abo. 11:35; 2Sam. 1:11; 3:31; 1Mot 31:27; Iyo. 1:20
2. Huccuu gaddaa uffachuun Uma. 37:34; 2Sam. 3:31; 1Mot. 21:27; Erm. 48:37
3. Kophee baafachuun 2Sam. 15:30; Isa 20:3
4. Harka mataarra godhachuun 2Sam 13:9; Erm. 2:37
5. Dhukkee mataatti of naquun, Iya. 7:6; 1Sam. 4:12; Nah. 9:1

6. Lafa taa'uun Lam 20;10; His 26:16; Nah 2:7
7. Laphee of reebuu 1Sam 25:1; 2Sam 11:26; Nah 2:7
8. Qaama isaanii of irraa muru S.Kessa Deebii 14:1; Erm. 16:6; 48:37
9. Oliy gad kaachuun 2Sam. 1:16;22; 1Mot. 21:27
10. Iyyanii boo'uun 2Sam. 1:17; 3:31; 2Seen 35:25
11. Mataa haaddachuu Erm. 48:37
12. Areeda gabaabsachuu Erm. 48:37
13. Mataa ykn fuula aguuggachuu, 2Sam. 15:30; 19:4

11:21:32 “Maartaan akka jettetti” utuu ati as jiraattee, obboleessi keenya hin du’u ture” Kunis hima otolaa sadarkaa lammaffaa kan Irkeessi isaa dhugaa hin taanee (contrary to fact). Kanaafuu innis kan hubatamu otuu ati nu wajjin as turteetta ta’ee, kan ati as hin turre jedhu, obboleessi keenya hin du’u ture, kan “du’uu isaa ibsu. Himni Maartaa fi Maariyaam (cf. lak 32). Yesuusitti dubbatan tokkuma. Tarii guyyoota gaddaa inni awwaala keessa ture Arfan keessatti waliin dubbachuunisaanii hin oolle. Dubartoonni kunneen lameenuu, Yesuus beellama isaanii irratti argamuu dhiisuu isaanitti hin tolle.

11:22 “Ammas ta’u Waanuma ati isa kadhate, Waaqayyo akka siif, kennu nan beeka” Kunis waan sirriidhumatti Maartaan isa beektee kadhatee miti. Sababni isaas lak. 39, yeroo Alaazaar du’aa ka’u ajaa waan ibsiifatteefidha.

11:23-24 “obboleessi keessan ni ka’a” Maartaanis ilaalcha tiyoolojiikaawaa kana fakkaatu qabdi kan du’aa booda jireenyi jira jedhu ni amanti/akkuma Faarisootaa Fooniin guyyaa dhumaa ka’uu akka jiru amanti jechuudha.

11:24 “guyyaa isa dhumaa” Yohaannis xiyyeeffannoo fayyina battalaa irratti qabaatuu, ammallee, guyyaa dhumaa eegaa jira. Kunis karaalee adda addaan ibsamuu danda’a.

1. Guyyaan Firdii/guyyaa du’aa ka’uu (cf. 5:28-29; 6:39-40; 44:54; 11:24; 12:8)
2. Sa’aatii (hour) (cf. 4:23; 5:25,28; 16:32)
3. Dhufaatii Kiristoos is alammataa (cf. 14:3; 14:18-19,28 fi 16:16,22 irra kan jiranis Du’aa ka’uu Yesuusi booddee jireenyaa fi Qaama Foonii akka inni ni dhufne ni ibsu.

11:25 “Yesuus Ani du’aa ka’uu fi jireenyadha isheen jedhe” Kunis hima Yesuus “ani” jedhe turban keessaa isa biroodha. Haala du’aati Alaazaar keessattis, Akka inni jireenyatti jiraatu akka amantuuf jajjabeeffamte Maartaan. Abdiin kunis kan inni humna godhate, nama keessattii fi Aboo Abbaa fi Yesuusiini (cf. 5:21) yaadannoo 8:12 irraa ilaali.

Barreeffamoonni Paapirus (i.e. p45) haala dinqisiisaadhaan akkasumas waraabbiiwwan Laatin durii, Siiriyaa fi Diyaatessaron jecha “fi jireenya” jedhu ni anbisu. UBS4 himaachisaa “B” dhibbeentaa baasaafi garuu UBS4 hirmaannaa dhibbeentaa “A” baasaaf.

11:26 “utuu kan natti amanu hundinuu bara baraan hin du’u” Barbaachisummaa amala barreeffama kanaa hedduudha.

1. Qooda maqaa waliigalaa “hunda”
2. Henna ammee, kan gocha Amanuuf barbaachisummaarra jiru agarsiisu (lak. 25,26)
3. Waawummaa cimaa lama ta’ee du’aan walqabatee “utuu jiruu, hin du’u” /shall never, not neverdied/ kan ifumaan ifatti waa’ee du’a afuuraa ibsudha.

Yohaannis keessatti jireenyi bara baraa dhugaa yeroo ammaa Amantootaaf ta’udha malee ta’ii gara fuulduraaf qofa ta’u miti. Alaazaar kan jedhame jecha Yesuus kan dhaga’e. Yohaansiif jireenyi bara baraa dhugaa yeroo amaati.

11:27 “eeyyeen, gooftaa ati Kiristoos isa biyya lafaa dhufuuf jiru ilma Waaqayyoo akka taate amaneera” Kunis kan inni barreeffame, Hennee Sirraawwaa (perfct tense) dhaani. Innis akka nama tokkootti yaada cimaa

isheen amantii isheef qabdu, Yesuus inni abdachiifame sun Masihichi isa ta'uu isaa beekuu/ amanuu ishee ibsa. Kunis gama Tiyooolojiitiin kutannoo cimaa Pheexiroos Qaasaariyaatti qabaachaa tureen wal madaala (cf. Mat. 16).

Amantiishee ibsachuuf mata dureewwan adda addaa fayyadamteetti.

1. Kiristoos (Jijjiirraa Afaan Giriik “Masihicha” jedhu isa dibame)
2. Ilma Waaqayyoo (Aankii Kakuu Moofaa “Masihicha” bakka bu'u)
3. isa dhufuuf jiru (Aankiin Kakuu Moofaa keessatti bara haaraa fiduuf Waaqayyo waadaa/kakuu gale, kakuu Waaqayyoo (cf. 6:14).

Yohaannis gama ogbarruutiin kan inni haasawa isaatti fayyadame dhugaa ibsuufidha. Wangeela Yohaannis keessatti, ciminni amantii hedduun ni mul'ata (cf. 1:29; 34,41,49; 4:42; 6,44,69; 9;35-38; 11:27). Mata duree addaa “Tajaajila Amantii Yohaannis jedhu 2:23 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:28-29

²⁸maartaan erga kana jetteen booddee, dhaqxee obboleettii ishee Maariyaamiin suuta jettee waamte, “Barsiisaa as jira. “Siwaama” jetteen. ²⁹Maariyaam akkuma kana dhageesseen daftee kaatee gara Yesuus dhaqxe.

11:28 “barsiisaa” qorannoo “NASB” wangeela irratti qabu (p1540) yaada cimaa qaba; ibsa cimaa, barbaachisaa dubartii kanaan kennames ni qaba. Dureen barsiisa Yihudootaa (Rabbis) dubartoota hin barsiisu (cf. 4:27) garuu, Yesuus daddabalee isaan barsiiseera.

MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI

I. KAKUU MOOFAA KEESSATTI

A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu

1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
2. Akka garbaatti hacuucaman (Ba'u 21:7-11)
3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).

B. Gochaan immoo milchaattotadha

1. Dhiirris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
3. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
4. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
5. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
6. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
7. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
8. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
9. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Faarfannaan turani (1Seen 25:5-6).

C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti

1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
3. Dubartiin Diboora jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).
5. Mootittiin Asteer, dubartiin filatamtuun sun, peershayaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI

- ##### **A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartoonni akka lammiilee sadarkaa 2ffaa kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).**

B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti

1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
2. Hannaa, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turtee fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26, Rom. 16:3).
7. Maariyaam, tiriifeenaa, tiriifoosaa, Persis, Juliya, Obboleettii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?

A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?

1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gochaa ta'es isa qofa.
2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.
 - a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)
 - b. Judisimii jaarraa 1ffaa keessa ture
 - c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1ffaa Qoronxoos keessatti ibse
 - 1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
 - 2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
 - 3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
 - 4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
 - 5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
 - 6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).
3. Waaqayyoo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti ofiisaa ibsera. Mul'ata jiru fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.

B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?) kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu. Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa 1ffaa keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

Ta'uuyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontoosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu

irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaii daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba.

Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartoonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eyyamamuuf, gaggeessuufis hin eyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa? Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii “eeyyee” jedhu kenna.

Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyoo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu.

Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataaniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,

How to Read the Bible For All Its Worth by Gordon Fee and Doug Stuart (pp 61-77).

Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11-30-37

³⁰yesuus iddoodhuma Maartaan isatti dhufte ture malee, amma illee gandichatti hin galle. ³¹Yihudoonni warri ishee jajjabeessuudhaaf ishee wajjin mana keessa turan, Maariyaam daftee kaatee gad bu'uu ishee argana. Isaan iddoo Awwaalaatti boo'uu dhaqxi se'anii ishee duukaa ni bu'an. ³²Maariyaam iddoo yesuus ture geessee, erga isa argitee miilla isaatti kuftee “Gooftaa utuu ati as jiraattee obboleessi koo hin du'u ture” jetteen ³³Yesuus boo'icha ishee fi boo'cha Yihudootaa warra ishee wajjiin dhufanii yeroo arge afuuratti dhiphatee garaanisaa raafame. ³⁴“Eessatti awwaaltan?” jedhee gaafannaan, “koottuutii ilaalii gooftaa” jedhanii deebisaniif. ³⁵Yesuus imimmaan isaa dhangalaasee. ³⁶Yemmus warri Yihudotaa “Ilaa attam jaalate” jedhan Isaan keessaa garri kaan garuu, “Inni ija nama jaamaa bane kun Alaazaar akka hin duune gochuu hin danda'u turee? Jedhan.

11:30 Ragaa addaa ergamoonni ibsa kennanidha.

11:33

NASB “afuuraan raafamee, ni dhiphate”

NKJV “afuurana dhiphatee, afuuraanis ni raafame”

NRSV “baay'ee dhiphatee, afuuraanis ni raafame”

TEV “Yesuus baay'ee dhiphatee, afuura gad fagoo baafate”

Kunis gama ogbarruutiin afuura cimaa baafachuu (snorted in the spirit) kan jedhudha. Jechamni kunis yeroo maraa aariidhaaf gargaara (cf. Dan. 11:30 (LXX); Mar. 1:43; 14:5). Garuu, barreeffama kana keessatti jijjiirraan isaa fedhii ykn miira guddaa jedhutu bakka bu'a (cf. Lakk. 38).

Ta'uyyuu warri yaada kennitoota ta'an fedhii/miira cimaa kana kan isaan ilaalan Aarii, kan du'atti nama geessu, Yesuus dhugaadhumaan miira dhala namaa kan qabu (cf. Lak. 33,35,36,38) fi Firoota isaafis asitti argisiiseera kan jedhuunidha.

11:35 “Yesuus ni boo'e” Wangeela keessaa sarara/baafata baay'ee gabaabaa ta'edha. Pilaaneetii kana irratti duuti fedhii Waaqayyoo hin turre. Bu'aa hammeenya dhala namaati malee. Yesuusis, nama baay'ee jaalatu kana dhabuu isaaf baay'ee itti dhaga'ameera. Kan isatti dhaga'amus muuxannoo jireenya duuka buutota isaa maraadha.

Boo'ichi Yesuus kun kan jeequmsa hin qabnedha. Gosa nama dhuunfaa ta'edha malee kan ummata bal'aa akka lakk. 32 irraa miti.

11:37 Gaaffiin kun deebii “eyyeen!” jedhu eeggata. Innis yaada Maartaa lakk. 21 fi kan Maariyaam lakk. 32 irraati.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:38-44

³⁸Yesuus ammas of keessatti dhiphatee gara awwaalichaa dhaqe. Awwaalichi holqa dhagaati. Hoolqichis dhagaadhaan cufamee ture. Yemmus Yesuus, “dhagicha itti fuudhaa” jedhe. Maartaan obboleettiin isa du'e immoo “Gooftaa! Yoona foolii godhateera. Erga Awwaalamee har'a guyyaa araffaa isaati” ittiin jette. Kana irratti yesuus “yoo amantii ulfina Waaqayyoo akka argitu, ani sitti hin himneeree?” isheedhana jedhe. ⁴¹Kana booddee isana dhagicha awwaalichatti fuudha. Yesuus garuu ol ilaalee, “yaa abbaa! Anaaf dhaga'uu keetiif singalateeffadha. ⁴²Akka ati yeroo hundumaa anaaf dhageessu, ani beekeera. Garuu namoonni as dhaabbatan kun akka ati ana ergite haa amananiifan kana dubbadhe” jedhe ⁴³Kana jedhee sagalee guddaadhaan “Alaazaar As ba'i!” jedhee waame. ⁴⁴Kanaaf namichi du'ee ture sun awwalicha keessaa gad ba'e. Miila isaa lamanaanii fi harka isaa lamaanitti wayyaan hidhamee, fuula isaattis wayyaan idhamee ture Yesuus “irraa hiikaatii gadi dhiisaa! Haa dhufu” jedhee isana abboome.

11:38 “holqa” Yeroo sanatti Paalestaayin keessatti sirni awwaalaa:

Holqa uumamaa keessatti (Baba Bathra 6:8)

Holqa qofforamee tolfamee dhagaadhana naanneeffame

Boolla/holqa gadi fagoo qofforame dhagaa guddana haguugama

Qorannoo Arke'ooloojii Yerusaaalem 1 haala gaariin ni ibsa.

11:39 “dhagicha itti fuudhaa” Dhagaa guddana afaan bool'aa irratti sigicheessuu/garagalchuun. Awaala irraa saamtootaa fi beeladoota irraa eeguufidha.

“Erga du'ee guyyaa Afur” Kunis jecham Giriik, gama ogbarruutiin nama guyyaa afurii” jedhudha.

11:40 “yoo” Kunis hima otolaa sadarkaa sadaffaa kan gochi tokko danda'amuu isaa ibsudha. Baafanni kunis gaaffii deebii “eyyee!” jedhu eeggata.

2. **“ulfinni Waaqayyoo”** ulfinni Waaqayyoo gocha Yesuusiin mul'ate (cf. Lakk. 4) yaadannoo gutuu 1:14 irraa dubbisi.

11:41 “kana booda Yesuus ol ilaalee” Kun haala sirnaawaa Yihudoonni itti kadhatan ijaa fi harka olkaasuudhaani. Kunis jechama kadhannaaf tajaajiludha.

▣ **“Akka ati na dhageessu”** Yesuus Abbaa dhaga'e (cf. 8:20,40; 15:15); Abbaanis isa dhaga'e. Warri Iyyaasuus dhaga'an jireenya bara baraa qabu. Kunis itti fufiinsa jecha “ilaluu” fi “dhaga'uu” jedhu ibsu kan fudhachuu (1:12) fi amanuu (3:16)n walfakkaatudha. Alaazaar sagalee Yesuus “dhaga'ee” gara jireenyaatti deebi'e.

11:42 Kuni kaayyoo kadhataa fi dinqii Yesuus ibsa. Amantii bartoota isaa jajjabeessuu fi Yihudoota Yerusaaaleemiif amantii isaanii dhaabuuf Yesuus dinqiiwwan hedduu hojjechaa tureera.

Gama tiyooloojiitiin, Yesuus aangoo Waaqayyoo fi Waaqayyoo dursaa ta'uu isaa hojii isaa keessatti bakka guddaa kenneeraaf (cf. 5:19,30; 8:28; 12:49; 14:10). Dinqiiwwan kunneenis, Yesuus Abbaa wajjiin walitti dhufeenya cimaa akka inni qabu ibsu. Mata duree addaa “ergama” (apostellō) 5:24 irraa ilaali.

11:43 “sagalee guddaan iyyee, alaazaar as ba'i” Kan jedhameef osoo Yesuus adda baasee maqaa Alaazaar eeruu baatee, warri Awwaala keessa jira hunduu ni ba'u!

11:44 “Qaamni du'e bishaanii dhiqama awwaalaaf qophaa'a” Kana booda, urgooftuu adda addaa dibamee foolii akka hin godhanne eegama. Reeffi sa'atii digdamii afur keessatti awwaalama. Sababni isaas, Yihduoonni du'aa isaanii of bira tursiisuu hin fedhani.

MATA DUREE ADDAA: YAALIWWAN AWWAALCHAA

II. Meesopootaamiyaatti

- A. Awwaalchi gaariin gammachuudu'a boodaaf barbaachiisaadha
- B. Barsiifata Meesopootaamiyaaf fakkeenya gaarii kan ta'e “Tarii dacheen reeffa kee hin fudhattu” kan jedhudha.

III. Kakuu Moofaa keessatti

- A. Awwaalichi gaariin baay'ee barbaachisaadha. (cf. Eccl. 6:3)
- B. Hatattamana kan ta'udha 9cf. Saaraa Uma. 23 fi Raahel Uma. 35:19 fi Yaadannoos Kees 21:23)
- C. Awwaalchi sirrii hin taane mallattoo mormii fi cubbuutti
 - 1. Keessa Deebii 28;26
 - 2. Isaayyaas 14:20
 - 3. Ermiyaas 8:2; 22:19
- D. Awwaalli haala danda'ameen baaxii mana maatii sanaa keessa turera
- E. Akka warra Gibxii qorichaa kaa'uun hin jiru; dhalli namaa biyyeerraa waan dhufeef biyyeetti deebi'uu qaba. (cf. Uma. 3:19; Far. 103:14; 104:29).
- F. Duree barsiisa galizimii keessatti kabaja sirrii fi foon/qaama qabachuun qaama du'e waliin wal qabachiisanii madaaluun baay'ee ulfaata.

IV. Kakuu Haaraa

- A. Awwaalli hatattamaan du'a hordofa, yeroo mara sa'atii digdamii afur keessatti ta'a. Yihduoonni yeroo maraa guyyaa furiif awwaala eegu. Kunis lubbuun foonitti deebitee yeroo kana keessatti ka'uu danda'a jedhanii waan amananiifidha (cf. Yoha. 11:39).
- B. Awwaalli qaama dhiqaa fi urgooftuu dibuu of keessaa qaba (cf. Yoh. 11:44; 19:39-40).
- C. Yihudootaa fi kiristaanota gidduu ykn taateen jaarraa tokkoffaa keessa paalestaayinitti ta'een garaagarummaan hin jiru.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:45-46

⁴⁵Yihudoota gara Maariyaam dhufan keessaa baay'een waan Yesuus hojjete arganii itti amana.

⁴⁶Isaan kaan keessaa immoo gara warra Faarisootaa dhaqanii waan Yesuus hojjete isaanitti himan.

11:45 “kanaaf Yihduoonni baay'een... Isatti aman’an” Kunis Ergaa wangeelaa barreeffamedha (cf. 20:30-31). Gaaleen kun wiixina kan ta'edha (cf. 2:23; 7:31; 8:30; 10:42; 11:45; 12:11,42). Ta'uyyuu, amantii wangeela Yohaannis keessatti irra deebi'amee himamuun sadarkaalee adda addaa qabatee kan yeroo mara amantiif oolchu miti (cf. 2:23-25; 8:30ff). Mata duree addaa 2:23 irraa ilaali.

1:46 “Isaan keessaa kaan gara warra Faarisootaa dhaqanii waan Yesuus hojjete isaanitti himan” Kunid digirii afuuraan jaamaa ta'uu akka barsiisa kanaafi dinqii aboo qabeessa kanaatti kan ibsudha. Ta'uyyuu, Yesuus warra Isa amananii fi warra isaan morman adda addaa baasee gareen kaa'e, Dinqii humna qabeessa kanallee ta'u amantii fiduu hin dandeenye (cf. Luq. 16:30-31)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:47-53

⁴⁷Kana irratti luboonni warri hangafooni fi warri Faarisootaa yaa'ii warra Yihdootaa walitti waammatani “waa'ee namicha milikkita baay'ee argisiisaa jiru kanaa maal gochuu nuuf wayya?

⁴⁸Akkasumatti yoo isa dhiifne, namoonni hundinuu isatti ni amanu. Warri Roomaas dhufanii mana qulqullummaa keenya, saba keenya nu duraa fudhatu” jedha. ⁴⁹Isaan keessaa tokko. Qayyaafaa inni jedhamu waggaa sanatti angafa lubootaa ture; inni “Isin omaa iyyuu hin beektan. ⁵⁰Sabni guutumatti dhumuu mannaa, namni tokko sabaaf du'uun akka isiniif wayyu hin hubattan” Isaaniin jedhe. ⁵¹Inni

dubbii kana of keessaa fuudhee hin dubbanne, waggaa sanatti angafa lubootaa waant ureef, Yesuus saba sanaaf du'uuf akka jiru, raajii dubbatee malee. ⁵²Saba sana duwwaadhaaf utuu hin ta'iin ijoollee Waaqayyoo warra biyya addaa addaatti bittimmaa'an tokkummaatti walitti qabuudhaaf ture. ⁵³Kanaaf jarri guyyaa sanaa jalqabanii, Yesuusiin ajjeesuudhaaf murtoo godha. ⁵⁴Yemmuus Yesuus gqooda mul'inatti Yihudoota gidduu deddeebi'u iddoo sana dhiisee gara kutaa biyya isa lafa onaatti dhiyaatuu gara mandara Efreem jedhamu dhaqqee bartoota isaa wajjin achi ni bubbule.

11:47 “luboonna warri hangafoonna fi warri Faarisootaa yaa'ii walitti waamani” Kan inni ibsu “sanhidirii” warra jedhaman, Yerusaalemitti mana murtii waliigalaa Yihudootaati. Miseensota naannoo 70 qaba. Luboonna warri hangafoonna hooggantoota siyaasaa, amantii ta'an saaduqoota jedhamaa turan. Isaan immoo barreeffamoota Muusee qofa warra fudhatan du'aa ka'uu ganani itti hin amanneedha. Irra caalaa kan beekkaman Faarisoota warra seera amantii cimsanii eeguun (1) guutummaa Kakuu Moofaa hojiirra oolchan (2) dalaga ergamootaa fudhatan (3) du'aa booda jireenyi jiraachuutti warra amananiidha. Kan ajaa nama ibsiisu, gareewwan Faallaa lamaan kunneen kaayyoo tokko irratti wal qabatu. Mata duree addaa: Faarisoota jedhu 1:24 fi mata duree Addaa “Sanhedrin” jedhu 3:1 irra ilaali.

▣ **“waa'ee namicha milikkita baay'ee argisiisaa jiruu”** Ibsi Yesuusiif “namicha kana” jedhu Maqaa isaa waamuun waan hin feeneef karaa ittiin laaphessaniidha. Jiraachuu dinqii kanaatiin, kan akka du'aa ka'uu alaazaar, kan ajaa nama ibsiisu. Loogiiin duraan isaan eegalan ija isaanii guutummaatti jaamsaa dhufuu isaati (cf. 2Qor. 4:4).

11:48 “utoo” Hima otolaa sadarkaa sadaffaa kan gocha kuufamaa ykn ga'umsa qabu jechuudha.

▣ **“namoonni hunduu isatti amanani”** didaa fi gama tiyoolojiin waliigaltee dhabuun kan madde Yesuusiin amanuu dhabuu fi sodaa isarratti qabanidha. “hunda” kan jedhu tarii Samaariyaanotaa fi warra hin amanne illee ibsuu danda'a (cf. 10:16). sodaa isaanii kanaafillee rakkoon gama siyaasaas ni jira (cf. To'annoo Roomaanotaa).

▣ **“Roomaanonni dhufanii mana qulqullummaa keenyaa fi saba keenya nu duraa fudhatu”** Kunis raajummaa cimee wangeela Yohaannis kan Dh.K.D 70 Tiitoos waliigala Roomaa jalatti raawwatedha.

Olaantummaan Roomaa dhugaa siyaasaan dhuma bara Yihduootaa akka fide abdiin qaba. Waaqayyo nama/loltuu amantiin fakeenya ta'e ergee Roomaanota jalaa bilisa nu baasa, akkuma abboota firdii bara Kakuu Moofaa kan jedhu amanu.

Yesuus, mootummaa isaa yeroof/dhimma siyaasaaf akka hin taane labseera (cf. 18:36). Garuu ka'insa Afuuraa kan gara fuulduraatti addunyaa maraan fudhatamu ta'uu isaa labseera. Akka raajii bara Kakuu Moofaa raawwachuuf dhufes ibseera, garuu gama ogbarruutiin miti, sabboonummaa Yihudootaanis miti. Kanaafis Yihudoonni bara sanaa mormii isarratti kaasani.

11:49 “Qayyafaa, inni waggaa sanatti angafa lubootaa ture” Lubummaa olnaanaan jechuun umrii dheerachuu, aangoorra turuun gara daa'ima ofiitti dabrsuu jechuu ture (cf. Ba'uu 28). garuu roomaanonni erga weeraranii waan daldalli naannoo gaara ejersaa fi mana qulqullummaatti beekkamaa ta'eef, luba olaanaa kana ni gurguran. Qayyaafaan Dh.K.B 18-36tti luba guddaa ture (Ilma Abbaa soddaa Anaaniyaa (annas) kan hangafa lubootaa Dh.K.B 6-16 tureeti).

11:50-52 Kunis fakkeenya biroo dubbii cinee (irony) Yohaannis eeredha. Qayyafaa wangeela lallabuu isaati.

11:50 “namni tokko sabaaf du'uu qaba” Duubeen Kakuu Moofaa dhimma kanaaf, Yihudootaaf, “waliinsoo” (corporality)dha. Namni tokko, namoota hunda jeequu danda'a (i.e Adam (hewaan, Akaan) Yaanni kunis sirna of wareeguu ta'e. Keessattuu bara aarsaa (Lew. 16). Beellanni mudoo hin qabne cubbuuf wareegamee cubbuu sabicharraa dhiqa/qulleessa. Kun immoo duubee Isa. 53 irra kan jiruun yaada Masihummaaf ta'a. Kakuu Haaraa keessattis Rom 5:12-21 irratti Kiristoosirra kan ga'e yaada kana ibsa.

11:51
NASB,REV

NET	“Yesuus du'uuf akka jiru”
NKJV, NIV	
REB	“Yesuus du'uuf ture”
NRSV	“Yesuus waa'ee du'uusaa”
NJB	“Yesuus du'uuf turuusaa”

The NIDOTTE, vol. 1 p326, jechoota “qaba” (must) irra jira/have to) tobe certain (ta'uu qaba) “mellō” jedhuuf yaada gaarii kennanii fi tajaajila isaanii gama tiyoolojiitiin ni ibsa.

1. Mar. 10:32
2. Matt. 17:22
3. Luq. 9:31,44; 24:21; HoE 26:23
4. Yohaannis 7:39; 15:51; 12:33; 14:22; 18:22

Beetireyaala Yihudootaafis ni tajaajila

1. Luq. 22:23
2. Yoh. 6:71; 12:4

Luqaas, hojii ergamootaa keessatti, Raajiin dubbatame raawwachuu Isaatiif itti fayyadame (i.e. HoE 11:28; 24:15; 26:22). Ta'iin ta'e hunduu harka Waaqayyoo ture (cf. HoE 2:23; 3:18; 4:28; 13:29).

11:52 “ijoollee Waaqayyoo tokkummaatti walitti qabuuf” Yaada Yohaannis kan 10:16 irraa wal fakkaatu ta'a. Innis kan inni ibsu

1. Yihudootaa paalestaayiniin ala jiran
2. yihudootaa gartokkee akka Samaariyaanotaa
3. Warra hin amanne

Filannoo (options #3) gaarii fakkaata. Du'aatiin Yesuus “Amantii namummaaf tokkummaa fideera (cf. 1:29; 3:16; 4:42; 10:16).

11:53 “kanaaf jarri guyyaa sanaa jalqabanii Yesuus ajjeessuuf murtoo godhan” Kunis ergaa Ijoo Yohaannis kan amantii (cf. 5:18; 7:19; 8:59; 10:39; 11:8).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:54

⁵⁴Yommuus Yesuus qooda mul'inatti Yihudoota gidduu deddeebi'u iddoo saan dhiisee gara kutaa biyya isa lafa onaatti dhiyaatuu, gara mandara Efreem jedhamu dhaqee bartoota isaa wajjin achi in bubbule.

11:54 “Yesuus kanaaf mul'anatti Yihudootaa gidduu yeroo dheeraaf hin turre” Yoh. 12 gaggeessitoota amantii wajjiin yaalii Yesuus isa dhumaa godheedha. Jechi mul'inatti jedhu Yohaannis keessatti kan hiikame (cf. 7:26; 11:54; 18:20). Osoo hin aguugamiin (boldly) jechuuni. Mata duree addaa 7:4 irraa ilaali.

Magaala Efreem jedhamtu” Magaalli kun magaalaa Betel biyya Samaariyaan walitti dhiyoo kan ta'edha (cf. 2Seen 13:19).

11:55:57 baafanni kun boqonnaa 11 fi 12 walitti hidha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 11:55-57

⁵⁵Ayyaanni Faasikaa warra Yihudootaa dhiyaannaan, biyya keessaa namoonni baay'een ayyaanichi utuu hin ga'iin of qulleessuudhaaf, yeruusaalemitti ol ba'an. ⁵⁶Isaan kun Yesuus wajjiin wal arguu barbaadan, mana quqlullummaa keessa dhaabbatanii “maal isinitti fakkaata? Gara ayyaanichaa in dhufa moo? Waliin jedha. ⁵⁷Luboonni warri angafoonnii fi Faarisoonnii, yesuusiin qabachuudhaaf, namni iddoo inni jiru beeku akka isaanitti beeksisuuf abboommii baasan.

11:55 “of qulqulleessuuf” Kunis qophii Faasikaaf ol qulqulleessuun jilaaf qophaanidha. Hanga ammaattuu falmiin Yesuus hammamiif akka barsiise lallabe, fi Paalestaayinitti hojjete irratti falmiin ni jira. Waggoota tokko,

lama ta'uu danda'akana jedhutu caaseffama. Ta'uyyuu Yohaannis Faasikaa hedduu kaa'eera (Faasikaa waggaa). Kanneen eeramanis sadiidha (cf. 2:13; 6:4; fi 11:55). Yoo xiqqaatee harki afur hojiirra ooleera 5:1 irratti.

11:57 Yaada Yohaannis maxxanse kan birooti.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yesuus maaliif akka Alaazaar du'uuf abboome?
2. Inni dinqii hojjate sun eenyu turee?
3. Garaa garummaan du'aa ka'uu fi gaggabani fayy (fooyya'uu) maali?
4. Geggeessitoonni Yihudaa ka'uu Alaazaariin maaliif dhiphatani?

YOHAANNIS 12

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Bitaniyaatti dibamuusaa 12:1-8	Bitaniyaatti dibamuusaa 12:1-8	Bitaniyaatti dibamuusaa 12:1-8	Yesuus Bitaniyaatti dibame 12:1-6 12:7-8	Bitaniyaatti dibamuusaa 12:1-8 12:9-11
Kora Alaazaar irratti ta'e 12:9-11	Kora Alaazaar ajjesuuf ta'e 12:9-11	12:9-11	Kora Alaazaar irratti ta'e 12:9-11	Masihichi Yerusaalem lixusaa 12:12-19
Ulfinaan Yerusaalem lixuu isaa 12:12-19	Ulfinaan lixuu isaa 12:12-19	12:12-19	Ulfinaan Yerusaalem lixusaa 12:12-13 12:14 12:15 12:16 12:17 12:18-19	
Giriikonni tokko tokko Yesuusiin barbaaduu isaanii 12:20-26	Midhaan qamadii ija gaarii qabu 12:20-26	Hojiin Yesuus ifaan ifatti raawwachuusaa 12:20-26	Giriikoondi tokko tokko Yesuusiin barbaaduusaanii 12:20-21 12:22-26	Yesuus du'uu isaa durse himuu fi ulfina isaas himuusaa 12:20-28a
Ilmi namaa ol fudhamuu jira 12:27-36a	yesuus fannoo irratti akka du'u tilmaamuusaa 12:27-36	12:27-36a	Yesuus waa'ee du'a isaa dubbachuu isaa 12:27-28a 12:28b 12:29 12:30-33 12:34 12:35-36a	12:28b 12:33-36a
Yihudoota warra hin amanne 12:36b-43	Eenyutu gabaasa keenya amana? 12:37-41	12:36b-43	Saboota hin amanne 12:36b-38	12:36b Xumura Yihudoota warra hin amanne 12:37-38 12:39-40 12:41 12:42-43
Jechi Yesuus namatti faraduu isaa 12:44-50	Walk in the light 12:42-50		Jechi yesuus namatti faraduu isaa 12:44-50	12:42-50

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

HUBANNOO WALIIGALATAA WARABBIIWWAN 1-50f

- A. Wangeelonni arfanuu Yesuus Dubartiin dibamuu isaa galmeessaniiru kanaaf, barreessitoota wangeelaaf dhimmi kun barbaachisummaa cimaa ta’eea. Ta’uuyyuu, Mr. 14:3-9, Mat. 26:6-13 fi Yoh. 12:2-8, dubartiittiin akka isheen Maariyaam ishee Bitaaniiya taa’e adda baasaniiru, obboleetti Alaazaar ta’uu ishees ibsaniiru. Yemmuu Luq. 7:30-50. Dubartii cubbamtuu Galiilaatti argamtu ta’uu ishee adda baasee eru.
- B. Boqonnaan 12 hojii Yesuus ifaan ifatti hojjete ni cufa (cf. Lak. 29). Geggeessitoota Yihudaa gara amantiitti fiduuf baay’ee irra deedeebi’ee yaaleera. Boqonnaa 11 irratti garuu ummata magaalaa Yerusaaalem gara amantiitti fiduuf yaalii ta’edha.
- C. Boqonnaa kana keessatti gareewwan namootaa shantu eerame.
 1. Gurmuu namootaa warra Alaazaar du’aa ka’uusaa ragaa ba’an lakk. 17
 2. Gurmuu namoota Yerusaaaleem irraa dhufan lakk. 9
 3. Gurmu namoota Daawatoota ayyaana Faasikaaf dhufan lakk. 12, 18, 29, 24
 4. Gurmuu namoota hin amanne Lakk. 20
 5. Gurmuu geggeessitoota Yihudaa warra itti amanan Lakk. 42.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 12:1-8

¹Ayyaaneeffamuu Faasikaa guyyoota jahan jiru, Yesuus Bitaaniiyaa dammaksee ture. ²Achitti Irbaata qopheessaniif, Maartaan in ergamti; Alaazaar garuu warra isa wajjin maaddiitti dhiyaatan keessaa tokko ture. ³Maariyaam yommuus urgooftuu dibata muka hin qabne hidda biqiltuu gatii jabeessa “Naardoos” jedhamu irraa kan hojjetame akak walakkaa liitrii kan ta’u fuutee, Miilla Yesuus lachuu dibdee, rifeensa mataa isheetiinis haxoofta, manichi immoo foolii urgooftuu sanaatiin ni guutame. ⁴Bartoota isaa keessaa tokko, Yihudaan namni biyya Keriyoot, inni isa qabsiisuuf jira ture garuu kana irratti. ⁵“Urgooftuun” kun meeti dhibba sadiitit gurguramee maaliif warra hiyyeessootaaf hin kennamne? Jedhee dubbate. ⁶Kana immoo hiyyeessootaaf oo’ee miti hattuu waan tureef jedhe malee, koroo horii isaanii isa baatu keessaas in fudhata ture. ⁷Yesuus immoo, Ishee dhiisi! Guyyaa Awwaala kootiif naqopheessuudhaaf urgoofticha keessa’o. ⁸“Namoota hiyyeessota yero hundumaa of biratti in argattu; ana garuu yeroo hundumaa hin argattan” jedheen.

12:1 “ayyaaneffamuu Faasikaa dura guyyoota jaha” Kunis tartiiba gocha Mat. 26:2 irraa jiru irraa addadha. Xiyyeeffannoon wangeelaa inni jalqabaa duraa duuba gochaa oso hin taane bakka bu’ummaa hojii Yesuus kan calaqqisiisu dhugaa waa’ee namummaa fi dalaga isaa ta’uun yaadatamuu kan qabudha. Waneelonni seenaa dhuunfaa (biographies) miti, garuu garee tokko irratti xiyyeeffatee kan labsii hundaaf ta’u (evangelistice Tracts)dha.

12:2 “isaan” Kan inni ibsu ummata magaalaa Bitaaniiyaa, warra Irbaata Yesuusiif kennai fi amanuummaadhaan warra isa duukaa bu’anii Alaazaar kaasuu isaatti amananiidha. Ta’uuyuu Mat. 26:6 keessatti, kun kan inni ta’e mana Siimoon.

12:2 “urgooftuu” Kunis jecha Laatiin kan urgooftuu/dibaa warra Roomaa kan 12 ozs walqixa ta’e ibsa. Urgooftuun gatii jabeessi kun, tarii yeroo Maariyaam Eerumtu/cidha Maariyaamiif kan qophaa’edha. Dubartoonni hin herumne hedduun isaaniis dibata gosa kana faaya naannoo morma isaaniitti biifatu.



NASB “urgooftuu dibata gatii jabeessa Naardoos qulqulluu”
NKJV “urgooftuu zayitii gatii jabeessa Ispikaanaardi irraa hojjetamee”
NRSV “urgooftuu dibaa gatii jabeessa “Naardoos” irraa hojjetame”
TEV “urgooftuu gatii jabeessa baay’ee barbaadamu, Naardoos quqlulluu”
NJB “urgooftuu baay’ee barbaadamu, Naardoos quqlulluu”

Hiika ibsa maqaa kana irratti yaada hedduutu jiru (1) qulqulluu (2) dhangalaa’oo (3) maqaa bakka. Dibanni kun ofiisaafuu, hidda jecha “aromatic Himaloyan” irraa dhufee kan customs of the Bible” jedhu fuula 379-380 dubbisi.

▣ **“miila Yesuus dibdee”** Wangeelonni biroon ochuma kana takkaatu kaasuun akka isheen dubartiin tokko akka isheen mataasaa dibde ni dubbatu. (Kun Maariyaam, sababa inni Alaazaar du’aa kaaseef galatoomfachuu ishee ta’uu danda’a lak. 2). Dhugaa ta’ii kanaa yoo ilaalle, Maariyaam kan isheen dibde qaama isaa guutuun mataa isaarraa eegaluun hanga miilla isaatti quqlulleessiteetidha. Sababiin milli Yesuus qofti eerameef, waan inni minjaala xiqqaa tokko irratti ciqilee isaa bitaa irra deebi’ee quqlulleessaa tureefidha.

Kunis ibsoota Yohaannis lamaani keessaa isa tokkodha. Urgooftuun kunis kan reeffa awwaalaaf ittiin qopheessanidha (cf. 19:40). Maariyaam tarii, ergaa Yesuus kana caalmsaan hubattee, waa’ee du’uu isaa kan bartoonni hubatan caala ta’uu danda’a (cf. Lakk. 6). Yaadannoo guutuu (6:70-71 irraa ilaali).

▣ **“manichi immoo foolii urgooftuu sanaan guutame”** Kunis dhugaa ba’umsa ifa ta’eef bal’inaan kan kaa’amedha. Yohaannis yericha sirriitti yaadateera.

12:4 “Yihudaa namni biyya Keriyooot” Jechi”Keriyooot” jedhu dhuftee (etymologies) lama qaba (1) magaalaa Yihudaa; (keriot cf. Iya. 15:25) ykn (2) jecha billaa qalmaa (Assassin’s knife) kan jedhanidha. Barreessitoota wangeelaa hunda keessaa, Yohaannis waa’ee Yihudaaf jecha suukaneessaa kenna (cf. Lakk. 6). Yaadannoo guutuu 6:70-71 irraa ilaali.

▣ **“qabsiisuuf”** Kunis maxxansa come kan birooti. Jechi kun halisoon waraabbii yaada kanaa hin qabu. Innis gama ogbarruuttiin “dabarsanii kennuu” ykn “kennuu” kan jedhu miira Yihudootaa ykn waan tokko nama biroof hawwuudha. Yaadannoo 18:2 irra jiru dubbisi.

12:5 “meetii dhibba sadii” Meetiin yeroo sanatti miindaa loltootaa fi dafqaan bulootaaf kaffalamudha, kanaaf, kun immoo irra caala kaffaltii waggaati ture.

12:6 Waraabbiin kun yaada maxxansaa kan birooti Yohaannis, Wangeelota biroo kan caalayyuu, Yihudaa kan saaxiludha.



NASB,NKJV, “Korojoo qarshii”
NRSV “Buusii walii”

TEV “Boorsaa qarshii”

NJB “Gargaarsa walii”

Jechi kun “sanduuqa xiqqoo” jechuudha. Innis duraan kan tajaajilaa ture sirbitoanni (faarfattoonni) wantoota tokko tokko ittiin baatanidha.

▣ **“Isa baatu keessaas fudhatee itti fayyadama ture”** Jecha Giriiki “baachuu” jedhudha. Innis miirata gara garaa lama keessatti tajaajila. (1) sanduuqicha inni baachuu isaa garuu (2) wanta saduuqicha keessa jirus keessaa fudhachuu isaati. Himni kunis tarii xiyyeeffannoo Yihudaan hiyyeessootaaf qabu, Lakk. 5 irra jiru, hammachuu danda’uu isaa kan argaasisu dhugaan isaa ofiisaaf kan hatu ta’uu isaati.

12:7 Kun waraabii dheeraadha. Kunis ifumaan ifatti gocha dhaalamee fi hojiirra oole kan tartiiba Awwaala tokkoof ta’u wal qabsiisudha (cf. 19:4). Kunis, raajummaa Yohaannisiiif hima birooti.

12:8 “hiyyeessota yeroo hundumaa of biratti ni argattu” Kunis S. Keessa 15:4, 11n wal qabata. Innis yaada hiyyeessota xiyyeeffannoo keessa glache hin fakkatu garuu, xiyyeeffannoon isaa Yesuus Masihii isa jiraataa ta’uu isaa ibsuu irratti (cf. Lakk. 35; 7:33; 9:4) Kakuu Moofaan ogbarruuwwan durii nananoo bahaa keessaa mirgaa fi kunuunsa hiyyeessotaa irratti adda kan ta’edha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 12:9-11

⁹Yihudoota keessaas namoonni sonaan baay’een Yesuus achi jiraachuu dhaga’an; yemmus Yesuus duwwaadhaaf utuu hin ta’iin Alaazaar isa inni warra du’an keessaa dammaqses ilaaluudhaaf achi dhufan. ¹⁰Yemmus luboonni warri angafoonni Alaazaariin immoo ajjeessuudhaaf murtoo godhan. ¹¹Sababiin isaa immoo Yihudoota keessaa baay’een isaaf jedhanii dhaqanii Yesuusitti in amanu waan turaniif.

12:9 “Yihudoota keessaas namoonni Sonaan baay’een Yesuus achi jiraachuu isaa baran” Kunis jecha yeroo mara tajaajilu kan hin taane “Yihudoota” Yohaannis keessatti. Inni yeroo maraa gaggeessitoota Yihudootaa warra Yesuusiin morman ibsa. Ta’uyyuu, 11:19, 40; 12:17 irratti, namoota magaalaa Yerusaalem kan ibsu fakkaata. Kunis warra firoota Alaazaar ta’anii gara (cicha (funeral) kanaa dhufanidha.

12:10 “luubonni warri angafoonni Alaazaariin ajjeesuuf murtoo godhan” Ragaa kan balleessuuf barbaadan! Kaka’umsa kana kan isaaniif godhes sodaadha (cf. 18:48) fi Irkessa (cf. 11:48; 12:11). Kan isaan yaaduu qabanis Yesuus gocha du’aa kaasuu kan godhe kun adda kan ta’e fi ta’ii yeroo mara hin taane ta’uu isaati. Jaamummaa fi loogiin geggeessitoota Yihudootaa kunis, dukkana dhalli namaa kufaa (cubbamaan) kun keessa jiraatu calaaqisiisa.

12:12 Kunis 11:45 irra kan jiru walqabata. Mata Duree Addaa: Tajaajila gochima Yohaannis “Amanuu” jedhu 2:23 irra ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 12:12-19

¹²Barumtaas namoonni Sonaan baay’atanii ayyaanichaaf ol ba’an, Yesuus Yerusaalem akka dhufu dhaga’an, ¹³Damee muka meexxi harkatti qabatanii Isa simuudhaaf ba’an sagalee guddaadhaanis “Hoosaa’inaa! Mootiin Isiraa’el inni maqaa Waaqayyo gooftaatiin dhufu galateeffamaadha” jedhan. ¹⁴Yesuus yommuus ilmoo harree tokko argatee, irra taa’ee, kunis Macaafa keessatti caafameera. ¹⁵Yaa ijoollee Xiyoon hin sodaatiinaa. “Kunoo motiin keessan ilmoo harree irra taa’ee in dhufa” jedhame ¹⁶Bartoonni isaa si’a duraa kana hin hubanne. Yesuus ulfina isaatti erga ol fudhatamee booddee garuu, kun waa’ee Isaatiif akka caafame, kanas akka isaaf godhan in yaadatan. ¹⁷Namoonni gaafa inni Alaazaariin awwaala keessaa waamee warra du’an keessaas dammaqsee isa bira turan, kana gochuu isaa dhugaa ba’anii turan. ¹⁸Yemmuus tuuti jara milikkita kana argisiisuu isaa waan dhaga’aniif isa simuudhaaf ba’an. ¹⁹Warri faarisootaa garuu “Isiin waan tokko dhimma baafachuu akka hin dandeenye in agitu biyyi lafaa isa duukaa bu’eera” waliin jedhan.

12:12-19 Kunis ibsa Yohaannis Yesuus ulfinaan Yerusaalem lixuu isaa ibsudha (cf. Mat. 21:1-11; Mar. 11:1-11; Luq. 19:29-38).

12:12 “Namoonni sonaan baay’atanii ayyaanichaaf ol ba’an” Soora Yihudootaa keessatti guyyoota Faasikaa sadiitu turan (cf. Ba’u. 23:14-17; Lew. 23; S.Kees. 16:16). Yihudoonni paalestaayiniin ala jiraatanis, warri fedhii qaba, Yerusaalemitti Faasikaa kana irratti qooda ni fudhatu. Yeroo Faasikaa kanaaf taa’anis, Yerusaalem namota ishee warra keessa jiraataniin sa’aa sadii hanga shaniitti ni guutti. Gaalene kunis kan inni ibsu lakkoofsa guddaa dawwattoota jila kanaaf dhiyaatanii warra Yesuusiin dhaggeeffatanii fi warra is aarguuf barbaadanidha (cf. 11:56).

12:13 “dame muka meexxii” Kunis gaalee Giriikootaa kan yeroo mara itti hin fayyadamnee kan dame muka meexxii ibsudha. Namoonni muraasni akka amanantitti yeroo tokkotti muka meexxii ededa gaara ejersaa irratti biqilee guddatudha (i.e. Josephus). Warri kaan immoo kan gara Iyyaarikootti geejjibamee lixedha jedhanii amanu. Innis kan inni tajaajilu akka mallattoo mo’ichaa fi ulfinaatti (cf. Mul. 7:9). Isaanis wagguma waggaa, ayyaana Faasikaarratti itti fayyadaman (cf. Lew. 23:40) fi Biradarboo)pass over) (Duudhaa bara magaabotaa)tiif tajaajilaa ture.

▣ **“sagalee guddaan waanii”** Kunis Henna Alsirrayinaa kan (1) gocha yeroo darbe keessa irra deddeebi’ame fi (2) jalqaba gochaa yeroo darbe keessatti ta’u bakka bu’a.

▣ **“Hoosaa’inaa”** Jechi kun hiikaa “amma Maari” ykn “maaloo fayyisi” jedhu qaba (cf. Far. 118:25-26). Guyyaa kabaja bira darboo/faasikaa kanas du’aa ka’umsi yeroo Daawwattoonni gara mana quqlullummaa dhufanii guutan akka Faaruu Hillel (hillee Psalms) (cf. Far. 113:118) ni adeemsifama. Gochoonni fi gaaleewwan kunneen hedduun isaanii yeroo bira darboo Faasikaatti irra deddeebi’anii ni ta’u. Garuu bara isa kana keessa hiikni isaa sirriin Yesuusiif ta’e! Sonni namootaa kunis haaluma ganaan yaade. Faarisoonis kana baay’ee dinqisiifatani.

▣ **“inni maqaa Waaqayyoon dhufu”** Kunis wanta Yesuus labsuu barbaade kan sirriitti ilaallatu ture. Inni isa ergame sanadha! Innis YHWH bakka bu’a.

▣

NASB “Mootii Isiraa’eel ta’ullee”

NKJV NRSV

TEV, NJB “Mootii Isiraa’eel”

Gaaleen kun qaama Faarfannaa miti, garuu sona namootaa sanaan kan itti dabalameedha. Innis kallattumaan yesuus Masihummaa Mooticha kan 2Sam. 7 irratti waadaa galame ta’uu isaa ibsa (cf. 1:49; 19:19).

12:14 “ilmoo harree” Harreen loltuu motii Isiraa’eliif kan tajaajilaa turtedha (cf. 1Mot. 1:33; 38, 44). Kan harreen deemus Mootii qofa ture, kanaaf, Yesuus harree duraan eenyuuyuu hin yaabbanne yaabbatee ittiin deemuun isaa baay’isee kan barbaachisaa ta’edha (cf. Mar. 11:2).

12:14-15 “akkuma caafame” Kunis waraabbi Zakaariyaas 9:9 irraa fudhatamedha. Ilmoon harree mootummaa Masihichaa ibsuuf qofa osoo hin taane namummaa fillee kan dubbatamudha. Yesuus akka humna waraanaatti, akka Yihudoonni tilmaamanitti, weeraruuf hin dhufne, garuu, gaddiibi’ee dhphachuun akka Isaayyaas 53 irratti jedhu “ilmoo harree” yaabbatee ittiin deeme”

12:16 “bartoonni isaa si’a duraaf waan kana hin hubanne” Kunis dhugaa ba’umsa biroooti, yaadannoo garii Yohaannis. Innis ergaa yeroo ammaatti (cf. 2:22; 10:6; 16:18; Mar. 9:32; Luq. 2:50; 9:45; 18:34). Ijji afuura isaanii guutummaatti kan banameef, erga ol ba’uu fi peentakoosteen ta’een booda.

▣ **“garuu kan isana yaadatan yeroo inni ulfina isaan ol fudhatame”** Kunis hojii Afaan Qulqulluu keessaa isa tokkodha (cf. 14:26 fi 2:22). Baafanni kun kan inni argisiisu, Barreessitonni wangeelaa Yesuus du’aa ka’uu akka ta’e ofiif muuxannoo ykn hubannoo qabaachuu isaaniiti. Yesuus dagaagina seenaa jiraachuu isaa fi hanga guutmiira hojii isaatti of dhoksee jiraachaa ture, garuu, Yohaannis wangeela isaa guutuu keessatti ifatti ulfina

Masihummaa isaa barreesseera. Wangeelisaas, yaadannoo duraan ture boodarra kan barreeffame fi amantii ummatichaa nama barbaadamu kanaaf akka barbaachisaa ta'e calaqqisiisa. Kanaafuu yoomessa seenawwaa lamatu jiru (Yesuusii fi barreessitoota wangeelaa). Lachan isaaniituu kanneen barbaachisanidha.

▣ “galateeffamaa” yaadannoo 1:14 irra jiru dubbisi.

12:17 Mata Duree Addaa: Yesuus 1:8 irratti ilaali. Hubannoo waliigalaa C ilaali.

12:19 “Faarisooni walii isaaniitti dubbatan” Kunis raajummaa yaada egeree (prophetic for eshadowing)ti. Innis (1) Yihudoota 11:48; 12:11 fi (2) warra hin amanne Lakk. 20-23n wal qabata. Yoomessa seenaawwaa lama ibsa; jireenya Yesuusii fi waldoolee durii.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 12:20-26

²⁰Warra yeroo ayyaanichaatti sagaduudhaaf ol ba'an keessaa Giriikoonni tokko turan. ²¹Isaan kun Filiphos nama Betsayidaa isa kutaa biyya galiilaa sana bira dhufanii “Yesuusiin arguu feena gooftaa” jedhaniin. ²²Filiphos immoo dhaqee Indiriyaasitti hime. Indiriyaas fi Filiphos wajjiniin dhaqanii Yesuusitti himan. ²³Yesuus garuu deebisee “yeroo ilmi namaa ulfina isaatti ol fudhatamu ga'eera. ²⁴Dhuguma dhuguman isinitti hima. Ijji qamadii biyyoo keessaati ba'ee yoo du'uudhaa baate tokkichuma ta'ee hafa, yoo du'e garuu ija baay'ees ni godhata. ²⁵Namni jireenya isaa mararsiifatu, jireenya isaa ni dhaba. Namni biyya lafaa kanatti jireenya isaa hin mararsiifanne garuu, jireenya bara baratiif isa ni kaa'ata. ²⁶Namni tokko yoo anaaf ergamuu barbaade, ana duukaa bu'uun in ta'aaf, namni anaaf ergamus lafa ani jiru in jiraata. Namni anaaf ergamu yoo jiraate Abbaan koo ulfina in kennaaf” jedhe.

12:20 “Giriikoonni muraasni” Kunis kan adda ba'e qomoo Giriikootaaf tajaajile osoo hin taane, miir awarra hin amanne ibsuuf tajaajiledha.

▣ Warra yeroo ayyaanichatti sagaduuf ol ba'an keessaa” Henna yeroo ammaa kan gara kabaja sanaa adeemaa jiran ibsudha. Isaanis (1) Waaqayyoon warra sodaatan ykn (2) Warra dallicha eegani (proselytes of the gate) Isaan jalqabaa warra itti fufinsaan saadaa turan, warra mana sagadaa warra hurrii ba'an keessatti deddeebi'aa turanii fi isaan lammataa immoo warra seera'ummaadhaan gara amantii Yihudootaatti jijjiiramanidha.

12:21 “isa gaafachuu eegalan” Kunis henna alsirrii ta'ee kan hiika (1) irra deddeebi'anii gaafatan ykn (2) gaafachuu eegalan jedhu qabudha. Isaanis dhuunfaadhumaan Yesuus walii dubbachuu barbaadani. Kunis dhugaa isaa yoo ilaalle yeroo raajiin dubbatameef sanaaf kan dhuma irratti mirkanaa'eef du'a Yesuus dura kan turedha (cf. Lakk. 23).

12:22 Filiphos (farada kan jaalatu) fi Indiriyaas (irra caalaa) Ergamoonni maqaa Giriikii qaban isaan qofa jedhama. Tarii kunis Giriikoonni (warri hin amanne) akka isatti dhiyaataniif akka itti dhaa'amu godheera ta'a.

12:23 “yerichi dhiyaateera” Kunis Henna sirraawaa (perfect tense)dha. Yohaannis jecha kan yeroo mara kan itti fayyadamu “yericha” kan jedhu ibsuudhaan, fannifamuu fi du'aa ka'uu akka guutmiira (climatic) ta'uu ergama Yesuusitti calaqqisiisa (cf. 12:27; 13:1, 32; 17:1). Yesuus akka ibsetti kan inni dhufe, hoolota Isiraa'el badaniif (cf. Mat. 15:24) ta'uu isaati. Amma Ergaan isaa kun warra hin amannee bira ga'aa jira!

▣ “Ilma Namaa” Kunis Gaalee Armaayikii kan hiika “dhala namaa” jedhu qabudha (cf. Far. 8:4; Hisq. 2:1). Ta'uyyuu, Dan. 7:13 irratt yaada dabalataa nama Waaqaa (deity) jedhuun tajaajileera. Kunis Aankii Yesuus ofii isaaf ittiin of yaamaa ture kan uumama lama irraa ta'uu isaa walitit fidu, Namaa fi uuma Waaqarraa (divine) ta'uu isaa ibsa (cf. 1Yoh. 4:1-3).

▣ **“ulfaachuuf jira”** Du’aatiiin Yesuus yeroo mara akka “ulfina isaatti” caqasama. Jechi “ulfina” jedhu kani inni tajaajilu, haalota kana keessatti yeroo hedduudha (cf. Lakk. 28 (Al-lama) 32 fi 33). Inni syeroo maraa du’uu fi du’aa ka’uu Yesuus ibsa (cf. 13:1; 32; 17:1). Yaadannoo 1:14 irra jiru dubbisi.

12:24 “ijji qamadii biyyoo keessa bu’ee yoo du’uudhaa baate” Kunis Afaan ta’iiwwan ittiin ibsan wantoonni akka qaamota miiraa shananiin jiraatan eerudha. Ijji tokko ija hedduu godachuu danda’a. (cf. 15:2, 4, 5, 8, 16; 1Qor. 15:36). Jireenya dhugaaf du’uun isaa kunis namoota baay’ee fideera 9cf. mar. 10:45).

▣ **“yoo”** Haala kana keessa dhugeesso, Hima Otolaa sadarkaa sadaffaatu jira, inni gocha cimaa kan ibsuun hiikama (cf. Lakk. 24, 26, 32, 47).

12:25 “namni jireenya isaa mararsiifatu, jireenya isaa ni dhaba” Kunis jecha Giriikii “psychē” jedhu bakka bu’ee kan baraachisummaa namummaa namaa ykn humna jireenyaa ibsudha (cf. Mat. 10:39; 16:24-25 Mar. 8:34-35; Luq. 9:23-24). Namni tokko al tokko yesuusitti yoo amane jireenya haaarttu kennamaaf. Jireenyi haarana kunis yoo Waaqayyo biraa dhufu tajaajilaaf kan t’au malee kan tajaajila naummaa miti. Amantoonni jireenya haaraa kana kan argatanidha. Nutis abboo cububu jalaa bilisa baanee tajaajiloota Waaqayyoo taaneerra (cf. Rom. 6; 1-7:6). Tiksee sobduun boqonnaa 10 irraa fiigichaan jireenya isaanii “oolfatan” Yesuus garuu jireenya isaa dabarsee kenne, kanaaf caalaatti, amantoonnis gocha akkasii kana gochuu qabu (cf. 2Qor. 5:12-15; Gal. 2:20).

▣ **“jireenya isaa dhaba”** Kunis agarsiisa si’aayina ammaati. Jechi kun (Mata Duree Addaa10:10 irra jiru ilaali). “Barbadeessuu” jechuudhaan bakka bu’a. Innis faallaa “jireenya bara baraati” Namni tokko yoo Yesuusitti hin amanne, filannoo isaa kan ta’u kana qofadha. Diigumsi (destruction) kun dhabamuu osoo hin taane hariiroo namummaa Waaqayyo waliin qaban gatuudha. (kunis kan gara “gannab” nama geessuu).

▣ **“jibbe”** Kunis jechama Ibrootaa kan Dorgomsiiisaati. Waaqayyo dursuu qaba (cf. haadha manaa Yaaqoob, Uma. 29:3-31, S.Kees. 21:15; Esahuu fi Yaaqoob, Mal. 1:2-3; Rom. 10-12, Maatii tokko, Luq. 14:26).

▣ **“jireenya”** Kunis jecha Giriik *zoē* kan jedhu irraa dhufe. Innis walitti fufinsaan Yohaannis keessatti kan tajaajile (1) jireenya afuuraa (2) jireenya bara haaraa (3) jireenya bara baraa fi (4) jireenya du’aa ka’uu ibsuudhaafi. Jireenyi dhugaan ofittummaa dhuunfaa kan kufaatii fidu jalaa walaba ba’uudha.

12:26 “yoo” Kunis Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan gocha humna qabutti hiikamudha.

▣ **“na duukaa bu’uu qaba”** Kunis ajoo si’aayina ammee (present active iperative) kan hariiroo ta’aa jiru tokko dubbatudha (cf. Yoh. 15). Kunis ijoo ykn dhimma wangeela kanaaf ta’u kan ibsudha. (Mata Duree Addaa: Barbaachisummaa Kutannoo” jedhu 8:31 irraa dubbisi). Dhimmi kunis yaaddoo gama tiyoolojiin jiru kan walabummaa Waaqayyooti filannoo murtee namootaa gidduutti burjaajummaa (confuse) uumudha. Ta’uyuu, fayyinni kan kakuu irraa dhufu ta’uu isaa ilaaluun gaaridha. Waaqayyo yeroo mara ajandaa uumuu fi qopheessuu danda’a (cf. 6:44, 65), garuu dhalli namaa kan inni qopheessee dhiyeesseef kanaaf akka deebii kennu gama qalbii diddiirrannaa fi amantii guutuun ni barbaada (cf. Mar. 1:15; HoE 20:21). Kunis kutannoo ykn murteeffachuun ragaa nuti isa beekuu keenya ibsudha 9cf. Mat. 10:22; 13:20, 21; Gal. 6:9; 1Yoh. 2:19; Mul. 2:7, 11, 17, 26; 3:5; 12, 21).

Seerri ittiin bulaamata kiristiyaanummaa wangeela irratti kan bu’uureffamuu, yeroo mara gargara ba’uun yaaddoon guutamanii faallaa ta’uu ogbarruuwwan dhiyaas ancala soddonii kanaan beekamu. Dubbisoonni ammayyaa warri dhiyaa yeroo mara Faalleesse kana filannoo godhachuun lachuu ykn dhugaa isaa fudhatu.

Yaada koo ibsuudhaaf. Hiikan Wangeelaaf kenna jiru hammachiisee mata duree qorannoo kan walmorka wangeelaa jedhuu aankeffamen ibsa.

“walmorka wangeelaa (Biblical paradoxes)”

1. Wangeela akka sagalee Waaqayyooti ilaalani jaalachu keessatti hubannoo kun namummaa ofiif baay’ee kan barbaacisu. Wangeela haqaan fudhachuuf, barreeffamoonni hedduun dhugaa jiru ibsuun isanai ifa, garuu toftaaf miti. Barreeffamni al tokko barreeffame hin badu ykn barreeffama biroo hin mulqu. Dhugaan kan hubatamu erga barreeffamoota mara dubbisanii booda (cf. 2Xim. 3:16-17) malee Barruu baaqqee tokko qofa fudhachuun miti.

2. Irra caalli dhugaa wangeelaa (ogbarruu bahaa keessatti) adda ba'insa ykn garaagarummaa loogaatiin dhiyaata. (Hubadhu, barreessitonni Kakuu Haaraa, Luqaas malee, Ibroota warra Afaan Giriikii barreessanidha). Ogbarruun gaarummaa (wisdom literature) fi ogbarruun walaloo (poetic literature) dhugaa kan ibsan haala walfakkaatuun ture. Walfakkiin garaa garummaa (garaagarummaa walmadaalaan) akka faalleessaatti hojjeta. Walmadaalli saayiraawwinaa (synthetic) kunis akka walmadaalina barruu tokkootti hojjeta. Hammam lachan isaaniitu dhugaa ta'u! Faalleessi kunneen baroota keenyas baay'inaan ni argamu, duudhaa salphaa keessatti!
- kan dursee murtaa'ee fi fedhii dhala namaa bilisaawaa
 - nageenya Amantootaa fi barbaachisummaa kutannoo
 - cubbuu jalqabaa fi cubbuu mormii
 - Yesuus akka Waaqayyooti fi Yesuus akka namaatti
 - Yesuus akka qixa Abbaa fi Yesuus Ergamaa Abbaa
 - Wangeela akka sagalee Waaqayyoo fi barreeffama namaa
 - cubbuurraa fagaachuu (cf. Rom. 6) fi cubbuu xiqqoo hojjechuu
 - jalqabuma battala dhugoomsuu fi qulqulleessuu fi qulqulleessummaa hojiirra jiru.
 - fayyina amanti (Amantiin dhugoomsuu) fi fayyina/dhugoomisna karaa hojii cimsuu
 - bilisummaa kiristaanotaa (Rom. 14:1-23; 1Qor. 8:1-13; 10:23-33) fi ittigaafatamummaa kiristiyaanootaa (cf. Gal. 5:16-21; Efe. 4:1).
 - guddummaa Waaqayyoo fi bakka hundatti argamuusaa
 - Waaqayyoo guutumatti kan hin beekkamne ta'uu fi karaa barreeffamaa fi Kiristoos beekkamuu isaa
 - Fayyinaaf bakka bu'ee waan hedduu Phaawuloos kaa'e
 - itti madaquu (Adoption)
 - quqlullummaa (sanctification)
 - mirkanaa'uu (justification)
 - qulqulleeffamuu (cubbuurraa) (redemption)
 - galateeffannaa/ulfina
 - waan dursee karoofamee
 - cubbu jalaa du'anii jireenya haaraa eegaluu
 - mootummaa Waaqayyoo ammaa jiruu fi fuulduraaf abdatamu
 - qalbii diddiirrannaa akka kennaa Waaqayyooti fi qalbii diddiirrannaa fayyinaaf deebii ta'u (cf. Mar. 1:15; HoE 20:21).
 - Kakuu Moofaan kan hin jijjiiramne ta'uu Kakuu Moofaa irra darbee kan bu'aa hin qabne fi kan dhorkame ta'uu (Mat. 3:17-19; Lakk. 5:21-48; Rom. Lakk. 7; Gal. 3).
 - Amantoonni garboota (tajaajiloota) ijoollee Waaqayyoo (dhaaloota)kan jedhu gidduu garaagarummaa fi faalleessi ni mul'ata.

▣ **“namni anaaf ergamus lafa ani jiru ni jiraata”** Ergaan ijoo ta'e kun 14:3; 17:24; 2Qor. 5:8; Fil. 1:23; 1Tas. 4:17 irrattis irra deddeebi'ee caafameera.

Kiristiyaanummaan jalqabaa jalqabee hariiroo Waaqa wajjin uumuudha! Kaayyoon isaas walitti dhufeenya ykn duuka bu'ummaadha: jiraachuu isaa, tokkummaa ykn hordofuudha. Kan nuti uumamnes Waaqayyoo waliin tokkummaa uumuufi (cf. Um.a 1:26-27). Fayyinni ta'ii erga jeennata Eden keessatti, namni tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabu cabseen booda haaromfamuuf ta'edha. Yohaannis Tokkummaa Waaqayyoo waliin uumuun amma deebi'anii ijaaramuudha kan jedhu irratti xiyyeeffata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 12:27-36a

²⁷Yesuus itti fufee “amma lubuun koo dhiphatteetti, ega “yaa abaa yerootti kana na oolchi!” jedhu mooree? Garuu sababiidhuma kanaaf ani immoo gara yerootti kanaa dhufe. ²⁸yaa abbaa maqaa kee ulfeessi, guddisi!” jedhe. Yommus sagaleen tokko Waaqa irraa dhufe. “Raawwadhee ulfessees guddiseera; si'achiis nan ulfeessa, nan guddisas!” jedhe. ²⁹Tuula achi ijaajjee dhaga'ee ture keessaa kaan “Qaqawweedha” jennaan, kaan immoo “Ergamaa Waaqayyootu isatti dubbate” jedhen. ³⁰Yesuus immoo deebisee “sagaleen kun sababii keessaniif dubbatame malee, sababii kootiif miti” ³¹Yeroon firdii biyya lafaa kanaa amam inni hamaan biyya lafaa kana seerratus amam gadi ni gatama. ³²“Ani

yemmuun lafa irra ol kaaamu nama hundumaa ofitti nan harkisa” jedhe. ³³Kanas du’a akkamii du’uudhaaf akka ture tuquuf jedha. ³⁴Tuuti jaraas deebisanii “Kiristoos bara baraan akka jiraatu seera irraa dhageenyerra, Eegaa attamitti ilmi namaa ol kaafamuun ni ta’a tettaree? jedhaniin.* ³⁵Yesuus immoo “Ifni ammayyuu yeroo gabaabuudhaaf isin bira jira dukkanni akka isin hin qaqqabneetti ificha utuu qabdani adeemaa! Namni dukkan akeessa adeemu gara kam akka dhaqu hin beeku; ³⁶Ijoollee ifaa akka taatanitti, Ificha utuu qabdani ifichatti amanaa!” isaaniin jedhe Yesuus kana dubbatee isaan biraa adeemee, ija isaanii duraas of dhokse.

12:27 “amma lubbuun koo dhiphatteetti” Kunis AGARSIISA ALSI’AAYINA SIRRII ti. Abgochi isaa (Abbaa, Seexana, Haalota fi kkf) kan ibsame miti. Inni jech aicmaa Kakuu haaraa keessatti karaa dda addaa tajaajiledha.

- a. Sodaa Herodiis (Mat. 2:3)
- b. Sodaa Bartoota Yesuus (Mat. 14:26)
- c. Dhiphina yeroof Yesuus dhiphate (Yoh. 12:26; 13:21)
- d. Dhiphina waldaa kiristiyaanaa Yerusaalem (HoE 15:24)
- e. Barsiisoonni sobduun waldaa Galaatiyaa diguuf gocha godhan irratti (Gal. 1:7).

Kunis haala Yohaannis namummaa dhiphachuu Yesuusii fi fannoo irratti ba’ee fannifamuu isaan walqabsiisedha. (cf. Mar. 14:32ff). Yohaannis dhiphina Yesuus Getasamanee irratti dhiphate hin barreessine, garuu yeroon isaa kana waliin yeroo dhuma tokkodha.

☐ **“yeroo kana na oochi”** Hima kanaaf hiika sirrii kennuuf yaadolee hedduutu ka’a. kunis kadhannaadha (i.e. Mat. 26:39)? Kunis akka hin raawwanneef gocha nama ajaa’ibsiisudha (NET Bible)?

☐ **“sababiidhuma kanaafan gara yerootti kan dhufe”** Lubbuun yesuus akka karoora Waaqayyootti kan murtaa’edha (cf. Mat. 20:28; Mar. 10:45).

12:28 “maqaa kee ulfeessi!” Abbaanis Lakk. 28b irratti deebii kenneefi. Jechi “ulfeessi” jedhu kun baay’ee kabajamaadha. Innis kani inni ibsu.

1. Gaarummaa durumaan dursee jiru (cf. 17:5)
 2. Mul’ata Yesuus Abbaaf qabu (cf. 17:4)
 3. Fannoo fi du’aa ka’uu Yesuus (cf. 17:1)
- Yaadannoo guutuu 1:14 irraa dubbisi.

☐ **“sagaleen Waaqarraa dhufe”** Dureen barsiisa Yihudootaa (Rabbis) kanaan “*abath-kol*” jedha. Milkiyaasii eegalee sagaleen raajummaa Isiraa’el keessa hin turre. Yoo fedhiin Waaqayyoo akka jabaatu barbaadame, sagalee Waaqarra dhaga’amutu ta’a. Wangeeloonni akka galmeessanitti, jireenya Yesuus keessatti Waaqayyoo yeroo sadii Waaqarraa dubbate.

1. Yeroo Yesuus cuuphamu (Mat. 3:17)
2. Yeroo Yesuus jijjiirame (Mat. 17:5)
3. Waraabii kana keessatti (12:28)

12:29 “tuunni achi ijaajjee dhaga’aa tures dubbatee” Waanta ta’e kanaaf hiika lamatu jira (1) Qaaqawweedha” kunis Kakuu Moofaa keessatti dubbii Waaqayyoon tajaajilaa ture (cf. 2Sam. 22:14; Yq. 37:4; Far. 29:3; 18:13; 104:7; ykn 2). Dubbii Ergamoonni isatti dubbatanidha. Knis suukoo (confusion) Saa’ool HoE 9:7; 22:9 irraan wal fakkaata.

12:30 “Yesuusi deebisee” Sagaleen kun anaaf osoo hin taane isiniif kan dubbatamedha jedheen” Gaaleen kun madaalchisa warra Seemidha. Innis dhuunfaadhaan kan isaniif ta’e osoo hin taane durumaan durseeyyuu kan isaaniif ta’edha (cf. 11:42).

12:31 “firdiinis dubbii kana irratti” kunis Gaalee itti aanee dhufuun wal cina hiriira (“Inni biyya lafaa kana seerratus amma gadi in gatama). Yeroon kun ta’us kan adda baafame miti (cf. Mata Duree Addaa “Hordoffii” jedhu dubbisi).

Anis dhugaadhumaan F.F.Bruce, *Answers to questions* (p. 198) kan lakk. 31 C. H. Dodd “realized eschatology” jedhuuf fakkeenya durumaan dursee amantootaaf fayyina, warra hin amanneef immoo firdii akka kennu hubatamaadha. Kunis miira seerluuga SIRRUMMAA RAAJUMMAA (PROPHETIC PERFECT) jedhuun wal fakkaaa. Wanti gara duraatti ta’u, durumaan dursee akka ta’u ibsameera.

☐ **“Inni biyya lafaa kana seerratu”** Kunis Humna afuura hammeenyaa (cf. 14:30; 16:11) kan Ibrootaan “seexana” ykn “himataa” jedhu (cf. Yaq. 1-2) yookiin Giriikiin kan Afuura Haamaa (devil) ykn “slanderer” jedhu ibsa (cf. Mat. 4:1, 8, 11; 13:39; 25:41; Yoh. 6:70; 8:44; 13:2; 2Qor. 4:4; Efe. 2:2). Maqaan lamaan kunneen Mat. 4:1-11 fi Yoh. 13:2, 27 irratti hiika tokko qabu. Innis Waaqa irraa gadi darbatameera. Kanaaf duuka buutota Yesuus himachuu/dhiphisuu hin danda’u.

MATA DUREE ADDAA: AFUURA HAMMEENYAA (PERSONAL EVIL)

Kunis sababoota hedduu irraan kan ka’e dhimma baay’ee ulfaataa ta’edha.

1. Kakuu Moofaan wanta gaariif diina guddaan hin ibsu, garuu akka hojjetaa YHWH isa dhala namaaf filannoo kennuu fi warra daandii sirriirra hin jirre himatu/adabu ta’uu isaa ibsa. (cf. A. B. Davidson, *Old Testament Theology*, pp 330-306).
2. Yaadni diina namummaa isa guddaa Waaqayyooratti ka’u, ogbarruwwan al wangeela (warra madaallii hin guunne) keessatti dhiibbaa Amantii Pershiyaan (*zoroastrianism*) babal’ate kunis caalmaan duree amantii Seera Judiziimii irratti dhiibbaa fideera.
3. Kakuu Haaraan ergaa Kakuu Moofaa cimseera, garuu kutaa murtaa’eefi barbaachisaa ta’edha.

Gama barnoota wangeelaatiin yoo namni tokko qorannoo mul’ata guddinarra jiruun ilaalama. Kiristaanoonni, qorannoo aadaa Yihudootaa ykn ogbarruu Ingilizii fudhachuun ilaaluu qabu (i.e Dante, Milton). Caalmaa yaadasaa ququlleeffachuuf naannoo mul’ataatti, wanti ifa hin taanee fi hiika hedduu qabu ni mul’ata. Waaqayyos kan inni filate, Afuura hamaa hunda ibsu osoo hin taane, dhuftee isaa, kaayyoo isaa, osoo hin taane mo’amu isaa ibsu filate.

Kakuu Moofaa keessatti, jechi “sexana” jedhu (BDB 966) gareewwan adda addaa sadiin wal qabata.

1. Himata namoota (1Sam. 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot. 11:14, 23, 25; Far. 109:6)
2. Himataa Ergamootaa (S.Lakk. 22:22-23; Zak. 3:1)
3. Himataa jinni (1Seen 21:1) Mot. 22:21; Zak. 13:2).

Bara Kakuu keessa qofa Boofni kan inni akka seexanaatti adda ba’ee (cf. Book of Wisdom 2:23-24; 2Henok 32:3) fi boodas duree amantii Yihudootaaf (Rabbinical) filannoo ta’eera (cf. *Sot* 9b fi *Sanh* 29a). Uma. 6 irratti “Ilmaan Waaqayyoo” kan jedhu 2Heno. 54:6 IRRATTI Afuura hammeenyaan kaa’amaniiru. Barsiisa amantii duree amanii Yihudootaa keessattis ka’umsa afuura hammeenyaa ta’aniiru. Eeruun koos sirrummaa tiyoolojii ibsuuf osoo hin taane, babal’ina isaanii agarsiisuufidha. Kakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen ergamoonni Afuura hamaa ta’uu isaaniif gumaata godhaniiru (seexanni jechuudha). Kunis 2Qor. 11:3; Mul. 12:9 irrattidha.

Ka’umsa afuura hammeenyaa murteessuuf Kakuu Moofaa keessatti baay’ee ulfaataadha. Kanaafis sabab kan ta’u Isiraa’elonni Waaqa tokkicha qofa beekuu isaaniiti (cf. Mot. 22:20-22; Lal. 7;14; Isa. 45:7; Amo. 3:6). Sababoonni hundinuu Addummaa fi olaantummaa YHWH ibsuuf gumaacha guddaa buusaniiru (cf. Isa. 43:11; 44:6, 8; 45:5-6, 14, 18, 21, 22).

Odeeffannoof madda t’auu kanneen danda’an (1) Iyyoob 1-2, bakka seexanni ilmaan Waaqayyoo gidduutti tokko taatee argamte, (i.e angees) ykn (2) Isaayyaas 14; Hisqi’eel 28, bakka mootonni naannoo bahaa olaantummaa qaban (baabiloonii fi Taayran) olaantummaa seexanaa ibsuuf itti tajaajilaman (cf. 1Xim. 3:6). Itti dhiyeenya kanaaf miira walmaken qaba. Hisqeel mootummaa Taayran akka seexanaatti qofa osoo hin taane akka iddota Edenittis bakka buusee ibseera (cf. His. 28:12-16). Garuu Mootummaa Ejibtis (Missir) akka muuka beekumsa gaarii fi yaraatti bakka buusee ittiin tajaajilameera. (His. 31). Ta’uuyuu, Isaayyaas 14, keessattuu lakkoofsi 12-14 olaantumaadhaan falmiin Ergamoota gidduu turuusaa ibsa. Utuu Waaqayyoo maddaafi uumama seexana addatti baasee nuuf ibseera ta’ee, kun kan karaa adda ta’eefi bakka itti hojjetu ture. Nutis, Tooftalee barsiisa amantii (tiyoolojii) wantoota xixiqqoo, qaamoota hiika ifa hin taane qabanii kakuu adda addaa ta’an, barreessitoota, kitaabota, fi galmeewwan durii (genres) fi warra isaaniin walqabatanii

durduriiwwan humna Waaqummaa ta'an fudhachuun ilaaluu qabna.

Alfred Ederseim (*The Life and Time of Jesus the Messiah*, vol. 2 appendices XIII [pp. 748-763] fi XVI [pp 770-776] akka jedhutti, Dureen barsiisa Yihudootaa, lamummaa Pershiyaanotaa (Persian dualism) fi miirsoo (speculation) jinniitii akka malee dhiibameera. Bakka kanatti dureen amantii Yihudootaa (Rabbis) dhugaadhaaf madda gaarii miti jedhama. Yesuusi, barsiisa mana sagadaa warra hurrii ba'anii irraa battalumatti gargar ba'e. Waaqolii peershiyaa gurguddoon lamatu turan. "Ahkiman" fi "Ormaza" Gaarii fi hamaa jedhamu. Lamummaa (dualism) kun kan inni lamummaa barsiisa Yidudootaa YHWH fi seexanaa daangeessu keessatti kan dagaagedha.

Dagaagina Afuura Hamaaf, Kakuu Haaraan mul'ata hojiirra jiru qaba. Garuu akka labsii duree barsiisa Yihudootaatti kan ibsu miti. Garaagaummaan kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u, "Lola Samii irraa" ti. Kufaatiin seexanaa sababa barbaachisaa ta'e, garuu adda ba'ee kana murtaa'e hin kennamne. Kan ogbarruu dhuma biyya lafaa keessatti kennamellee taanaan hin ibsamne (cf. Mul. 12:, 7, 12-13). Ta'uyyuu sexanni kufeera. Gara biyya lafaattis gadi darbatameera. Hanga ammaattillee akka ergamaa YHWH tti hojjechaa jira (cf. Mat. 4:1; Lu1. 22:31-32; 1Qor. 5:5; 1Xim. 1:20). Qormaannii fi hammeenya namummaa in jira, garuu filannoo isaaf Waaqayyoo fi dhala namaa qofaatu deebii qaba ykn filannoo isaan itti gaafatamummaa qaba. Lolli afuuraas ni jira, kunis fayyuu duraa fi booda kan ta'udha. Mo'ichi kan dhufuu fi kan nama waliin turu garuu sadan tokkummaa Waaqayyoo qofaanii. Afurri Hamaan mo'tamee iddoos dhabeera.

▣ **“darbatamuuf jira”** Kunis agarsiisa Alsi'aayina gara fuulduraati. Barreeffamni qulqullaa'aan, yeroo qabatamaa, seexanni samirraa itti gadi darbatame hin agarsiisu, seexanni Isa. 14 fi His. 28 keessatti eerameera, miira lammaffaan. Ergaan raajotaa, mootolee olaantummaa qaban Babiloonii fi Taayran waliin walqabata. Baay'inni cubbuu isanaii kan seexana calaqqisiisa (cf. Isa. 10:12, 15, His. 28:16). Ta'uyyuu, akka Yesuus jedhutti, Inni yeroo warra torbaatama sana erge kufaati sexanaa argeera (cf. Luq. 10:18).

Babal'inni seexanaa Kakuu Moofaa keessatti ni mul'ata. Jalqaba Ergamaa Waaqayyoo ture, garuu oftululu irraa kan ka'e Diina Waaqayyoo ta'e. Dhimma kanaaf ibsi faallaa ta'e A. B. Davidson's *Old Testament Theology* pp 300-306 keessatti kaa'ameera.

MATA DUREE ADDAA: LOLA WAAQA IRRAA (yaada koo kanan mul'ata irratti kenne irraa fudhatame)

Walitti bu'iinsa kana irratti ibsoota hedduutu jiru. Yesuusi Luq. 10:18 irratti kana eereera. Akkasumas Yoh. 12:31 irrattis. Garuu tartiiba isana kaa'uuf yaaluun bara gochi sun itti ta'een baay'ee ulfaata.

1. uumamaan dura 1:1 (Befor creation)
2. uumamaan gidduutti 1:1 fi 1:2 (yaaxina gidduutti)
3. Kakuu Moofaa keessaa Iyo. 1-2 booda (seexana Waaqarratti)
4. Kakuu Moofaa keessaa 1Mot. 22:21 booda (seexana gorsaa samii)
5. Kakuu moofaa keessaa Zakkaariyaas 3 booda (seexana Waaqarratti)
6. Kakuu Moofaa keessatti akkuma Isa. 14:12; His. 28:15 fi 2Henok 29:4-5)
7. Kakuu Haaraa keessaa qoramuu Yesuus booda (cf. Mat. 4).
8. Kakuu Haaraa keessaa yeroo warri torbaatamni ergaman (seexana samiirraa kufe argee, cf. Luq. 10:18)
9. Kakuu Haaraa keessaa, ulfinaan Yersaalem seenuusaa booda (warri biyya lafaa kana seerratan gadi gatamaniiru. Cf. Yoh. 12:31)
10. Kakuu Haaraa keessaa du'aa ka'uu fi ol fudhatamuu Yesuus booda (cf. Efe. 4:8; Qol. 2:15).
11. Bara dhumaarratti (cf. Mul. 12:7)

Kanas salpaadhumatti kan ilaallu waraana bara baraan Waaqayyoo fi seexana gidduutti ykn afuura hamaa gidduutti adeemsifamu; lolli kunis hanga macci Afuura hameenyaa fi cifiroonni isaa kufanitti itti fua. Mul'ata 20 irratti isaanis bakka dhabuun adda ba'aniiru.

12:32 “Ani yemmuun lafa irraa ol kaafamu” Hima Otola sadarkaa sadaffaa kan gocha kuufamaa jedhudha. Jechi kun hiika:

1. Olfuudhamuu (cf. 3:14)

2. Fannifamuu (cf. 8:28)
3. Ol qabamuu/kaafamuu (cf. HoE 2:33; 5:21)
4. Baay'ee ol kaafamuu/qabamuu) cf. Fil. 2:9).

Kunis waraabbiwwan adda addaa kana mala Wangeela Yohaannis ibsanidha.

▣ **“nama hundumaa ofittan harkisa”** Kunis jaalala kakuu YHWH saba Israa'eliif qabu kan agarsiisudha. Erm 31:3 irratti kan ergaa “Kakuu Haaraa” jedhuuf jechuudha (cf. Er. 31:31-34). Waaqayyooos jaalalaan namoota ofitti waame gocha isaanifi godheenis beekkame jechuunti kana fakkaatu bakka bu'insa Yoh. 6:44 fi 6:65 irratti kan ibsame tajaajileera.

As keessatti “hunda” kan jedhu affeerraa waliigalaa fi cubbuurraa qulqulleessuu agarsiisa (cf. Uma. 3:16; 12:3; Ba'u 19:5; Isa. 2:2-4; Yoh. 1:9, 12, 29; 3:16; 4:42; 10:16; 1Xim. 2:4; 4:10; Tit. 2:11; 1Phex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14)!

Gaalee kana keessa garaagarummaa hedduutu mul'ata. “Hundumaa” kan jedhu koorniyaa agarsiisuuf kan “dhiironni hundi” jedhamutti hiikamu fi kan barreeffamoota Giriikii keessatti argamu ^{p75 (VID)}, ⌘, B, L fi W, yeroo baabsawaan (neutral) isaa immoo “wanta hunda” jedhamuun hiikamu kan p⁶⁶ fi ⌘ keessatti argamudha. Utuu Baabsawaa (neutral) ta'ee akka Qol. 1:16-17 irratti kan hidda dhaloota kan 1Yoh irraa ragaa ta'uun cubbuurraa qulqulleessuu Kiristoosiin dubbatamaa ture. UBS4 koorniyaa (MASCULINE) kanaaf reetii “B” kennaaf (caala gaariidha).

12:33 “kanas du'a akkamii du'uudhaaf akka ture tuquu jedhe” Kunis ammallee yaada Yohaannis keessaa kan biroooti. Kunis kan S.Kees 21:23 irraa muka irratti fannisuun “Abaarsa Waaqayyooti” (cursed by God) jedhuun wal qabata. Kunis dhagaan ajjeesuu dhiisanii sababa gaggeessitoonni Amantaa Yesuusiin akka fannisan godhedha. Yesuus seera abaarsaa nutti cabse/baase (cf. Gal. 3:13) jedhan.

12:34 “tuunni sunis isaaf deebisanii... Kiristoos bara baraan akka jiraatu beekna” Kunis tarii kan Far. 89:4, 29, 35-37 ibsu ta'a. Kakuu Moofaan Mashii tokkichi akka dhufuu fi paalestaayin keessatti addunyaa Nagaa akka fidu ibseera (cf. Far. 110:4 Isa. 9:7; Hisq. 37:25; Dan. 7:14). “Bara baraan” kan jedhuuf Mata Duree Addaa 6:58 irra jiru ilaali.

▣ **“Ilma namaa”** Tuutni sun (hubannoo waliigalaa C ilaali). Aankii isaaf lakk. 23-24 fi Gochima “olfudhatamuu” jedhuuf immoo Lakk. 30-32 irratti lallaba Yesuus dhaggeeffachuu qabu. Sababni isaas waan of murteessuusaa adda baasuu ilaalaniifi. Kunis bakka namoota birooof tajaajile as qofa. Kunis Aankii dhaabbataa (standard title) miti ykn Judizimii keessatti dibamuu Masihummaati.

12:35 “utuu ificha qabdani adeemaa” Yesuus warra isa dhaga'aa turaniin akka battalumatti jecha isaaf deebii kennan itti dubbachaa (falmaanii) tue. Jireenyi lafa kanarratti qabus daangeeffamee ture. Dachee kana irrattis torba dhuma jireenya isaa seenuu isaa dubbate. Yerichi dursee inni murteesses dhiyaateera (Lakk. 23).

Miiraan yoo ilaalamu (akka Yohaannisitti) Ibsa seenawaa/ragaa seenaa fi ragaa jiraataa qaba (Historical and existential referents). Warra wangeela dhaga'an maraafuu wanti Yesuus dubbatu dhugaadha (i.e the parable of the soils).

Kunis sadoonii “deemii” jedhu haala jireenyaan ibsuudha (cf. Efe. 4:1, 17; 5:2, 15). Kunis ajaja siyaa'ina ammaa (PRESENT ACITIVE IMPERATIVE) kan hariiroo qabu malee murtee jalqabaa miti. (cf. Lakk. 44-46).

12:36 Ergamaan kun Yesuus akka ifa biyya lafaa ta'e kan Yohaannis irratti xiyyeeffatee keessaa isa guddaadha. (cf. 1:4, 5, 7, 8, 9; 3:19, 20, 21; 5:35; 8:12, 9:5; 11:9, 10; 12:35, 36, 46). Hogbarruu gaarummaa Yihudootaa (Jewish Wisdom literature) fi “Dead Sea Serous” kan jedhan keessatti, Dukkannii fi Ifti Ilaalcha Afuuraa kennee faallaan walqabatani ilaalamanidha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 12:36b-43

^{36b}Wantoonni Yesuus dubbate kun, Inni isaan bira deemuufi isaaniif of dhooksoo. ³⁷Utuma Yesuus milikkita baay'ee isaan duratti hojjetee argisiisuu iyyuu, isaan isatti hin amanne. ³⁸Kun immoo dubbiin raajicha Isaayyaas akka raawatmuuf, Isa inni, “Yaa Gooftaa eenyutu waa nuyi dhageenyee itti himne amana” Irreen Waaqayyooos eenyutti mul'ate? Jedhe. ³⁹Isaan amanuu hin dandeenye: Isaayyaas itti

dabalee immoo, ⁴⁰Ija isanaiitiin akka hin argineetti, garaa isaaniitiinakka hin fudhanneetti, akka ani isaan fayyisuufis akka isaan hin deebineetti, Inni ija isanaii jaamseera. Garaa isaaniis jabeesseera” jedhee dubbateera. ⁴¹Isaayyaas ulfina isaa argee, waa’ee isaa waan dubbateef, kana jedhe. ⁴²Haa ta’u iyyuu malee, Yihudoota warra aboo qaban keessaa iyyuu baay’een itti amananiiru. Garuu mana sagadaa isaanii keessaa nu baasuu jedhanii warra Faarisootaa waan sodaataniif, isatti amanuu isanaii hin mul’ifne. ⁴³Isaan Waaqayyo irraa ulfina argachuu caalaa, nama irraa ulfina argachuu jaalata.

12:37 yaada gadda argisiisudha. Jaamummaan Afuuraa baay’ee badaadha (cf. 2Qor. 4:4). Warabbiin kun cubbuu dhiifama hin qabne agarsiisa (Mata Duree Addaa 5:21 irraa ilaali).

12:38 “dubbii raajicha Isaayyaas” Kunis dhiphina tajaajila/ergama (suffering servant) kan Isa. 53:1 irratti kaa’ame irraa fudhatame.

12:39-40 Luqqisii baay’ee ulfaataa ta’edha. Waaqayyo akka isana hin deebineef namoota ni jabeessa? Yaada koo Isa. 6:9-10 fi Rom. 11:7 irra kan jiruun walqabachiisee ibsa (www.freebiblecommentary.org ilaali).

Isa. 6:9-10 Akka YHWHn kaayyoo isaa Isaayyaas ibsetti akkasumas ergaa isaaf deebii Yihudoonni qaban illee dursee Isaayyaasiif ibseera.

1. deemi (go) Lakk. 9 BDB 229, KB, *Qal* IMPERATIVE
2. dubbadhu (tell) Lakk. 9 BDB 5, KB *Qal* PERFECT
3. dhaggeeffadhu (keep listening) Lakk. 9, *Qal* IMPERATIVE and INFINITE ABSOLUTE of BDB 1033, KB 1570
4. garuu, hin fudhatiin Lakk. 9, BDB 106, KB 122, *Qal* IMPERFECT cf. 1:3; 5:21; 10:13; 29:14
5. ilaalii, *Qal* IMPERATIVE fi *Qal* INFINITIVE ABSOLUTE of BDB 906, KB 1157
6. garuu hin hubatiin Lakk. 9, BDB 393, KB 380, *Qal* IMPERFECT used in a jussive sense
7. garaa/laphee isanaii jabeessi (lit. “fat”) Lakk. 10, BDB 1031, KB 1566, *Hiphil* IMPERATIVE
8. gurri isanaii ni duude, Lakk. 10 BDB 457, KB 455, *Hiphil* IMPERATIVE
9. ijji isaaniis in jaame, lakk. 10. BDB 1044, KB 1612, *Hiphil* IMPERATIVE

Ibsoonni kunneen, ta’ii ta’e hordofanii dhufan (Gochimoota alsirrii sadan “arguu”, “dhaga’uu” fi “fudhachuu” jedhanii duraan tajaajilaa turan). Waaqayyoo (beekumsa isaan ykn dhageettiisanaii/yaada isaanii jabeessuun) akka isaan isa hin hubannee fi hin fayyine ni beeka.

1. qalbii diddiirrachusaanii, BDB 996, KB 1427, *Qal* PERFECT negated
2. fayyuu isanaii, BDB 950, KB 1272, *Qal* PERFECT negated

Isaayyaas akkanamoonni muraasni dhaga’an lallabeera. Garuu irri caalli sabichaa dhaga’uu hin dandeenye (cf. Rom. 1:24, 26, 28; Efe. 4:19) ykn (29:10; Kees. 29:4; Mat. 13:14; Marq. 4:12; Luq. 8:10), guyyoota dhufaniif malee ergaan isaas bara isaa snaatti kan abdatamu hin turre.

Roomaan 11:7 “hundumtuu ni jabaate” Kunis agarsiisa miirsoo Alsi’aayina (AORIST PASSIVE INDICATIVE) ti (cf. 2Qor. 3:14). Ibsi isas Waaqayyo isana jabeessuu isaati (cf. lakk 8-10). Abgochi laphee jabeessuu kun hammeenya (the evil one) (cf. 2Qor. 4:4) “jabaachuu” (*pōroō*) jecha meedikaalawaa Jaamummaaf ta’udha (cf. Rom. 11:25; 2Qor. 3:14; Efe. 4:18). Jechumti kana fakkaatu Ergamootaan Mar. 6:52 irratti tajaajileera. Kunis jecha Giriikii 9:18 irraan adda kan ta’e (*sklērunō*) fi kan faallaa gaarummaa (cf. Ibr. 3:8, 15, 4:17) ta’edha.

Luqqisiin kun kan ifa ta’ee fi kan cuunfaa yaada 11:1-6 ta’edha. Warri filataman muraasni, amanan, muraasni immoo warri hin filatamne laphee jabeeffatan. Ta’uyyuu, luqqisiin kun adda ba’ee hin barreeffamne akka dhaadannoo tiyoolojiitti Innis qaama falmii ykn Ibs tiyooloojiiti. Dhugaa liqqisii (verse) kana keessatti ibsameefi kan waliigalaan boq. 10 irratti afeere gidduu yaadi’ana hedduutu jira. Asitti hojii Waaqayyootu jira. Garuu, furmaanni isaa mataa isaanii, bakka bu’ee poolii kana faalleessuuf miti.

12:39 “sababii kanaaf isana hin amanne” Kunis GIDDUGALA ALSIRRII (IMPERFECT MIDDLE) (deponent) INDICATIVE) fi IBSA SIYAAYINA AMMEE (PRESENT ACITIVE IMPERATIVE) dha. Isaanis hariiroo amantiitiin Yesuus duukaa bu’uu hin dandeenye. Dinqiin inni hojjete isana harkiseera, garuu gara

fayyinaatti isana fiduu fi Masihicha ta'uu isaa akka amanan isana hin goone. Yohaannis keessatti “amanuu” sadarkaa qaba. Hundumtuu fayyina hin argatu yaadannoo 8:13-59 jiru ilaali.

▣ **“Isaayyaas dabalee dubbachuun”** Isa. 6;10; 43:8 Yihudoota lapheen isaanii jabaatee Ergaa Waaqayyoon walqabatee jiru karaa Isaayyaas ibsa.

12:40 “laphee” Mata Duree Addaa kanatti fufee jiru ilaali.

MATA DUREE ADDAA: LAPHEE

Jechi Giriikii “*kardia*” jedhu Hiika beektoota torbaatamaa fi Kakuu Haaraa keessatti, jecha Ibrootaa “*lēb*” jedhu calaqqisiisa (BDB 523). Innis Karolee hedduun tajaajila (cf. Bauer, Arndt, Ginerich and Danker, *A Greek English Lexicon*, jedhu fuula 403-404 ilaali).

1. bakka bu’ee namaa, handhuura jireenya fooniiti (cf. HoE 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaq. 5:5)
2. buura jireenya afuuraati (i.e. haamilee)
 - a. Waaqayyo laphee (namaa) beeka (cf. Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
 - b. Jireenya Afuura namaaf tajaajila (cf. mat. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22)
3. bu’uura jireenya yaaduuti (i.e. beekumsa, cf. Mat. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom. 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7; lapheen sammuu walfakkaata, 2Qor. 3:14-15 fi fil. 4:7)
4. bu’uura tarkaanfii fudhachuuti (volition) (i.e. fedhii (will), cf. HoE 5:4; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7)
5. bu’uura miira (cf. Mat. 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efe. 6:22; Fil. 1:7)
6. gochaawwan Afuuraaf bakka adda ta’edha (cf. Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 [i.e., Yesuus laphee keenya keessa buluu isaa, Efe. 3:17])
7. lapheen bakka bu’ee guutummaa nama tokkoo sadoomii ibsudha (cf. mat. 22:37; kan Seera Keessa Deebii 6:5 irraa fudhatame). Yaadni, kaka’umsi, fi gochoonni laphee namaan gumaatan guutummaan nama dhuufnfaa tokko ibsu. Kakuu Moofaa jecha kanaaf tajaajila adda addaa qaba.
 - a. Seera Keessa Deebii 6:6; 8:21 “Waaqayyo garaa isaatti gadde” Hosea 11:8-9 irras jira
 - b. Seera keessa Deebii 4:29; 6:5, “laphee keessaniifi lubbuu keessan hunda”
 - c. Seera Keessa Deebii 10:16 Garaan hin kitaanamne” fi Rom. 2:29
 - d. Hisq. 18:31-32 “laphee haaraa”
 - e. Hisq. 36:26, “laphee haaraa” walsi (vs) “laphee dhagaa”

12:41 “Isaayyaas kana kan jedheef waan ulfina isaa argeefi” Kunis Ibsa Kakuu Moofaa keessa Raajonni turan waa’ee Masihichaa itti hubachiisaa turanidha. (cf. Luq. 24:27). Yaadannoo “ulfina” (glory) jedhu 1:14 irraa ilaali.

12:42 “Ta’uuyyuu geggeessitoonni hedduun Isatti amananiiru” Ergaan Yesuus firii buusuu isaati (cf. lakk. 11, HoE 6:7). Mata Duree Addaa 2:23 irra ilaali.

▣ **“isaan Isa ibsuu hin baraanne”** Mata Duree Addaa: Ifa baasuu (confession) jedhu 9:22-23 irraa ilaali.

▣ **“mana sagadaa isaanii keessaa nu baasu jedhanii waan sodaataniif”** (cf. 9:22; 16:2)

12:43 Kunis amantii dhugaan dadhabaa fi sodaan kan guute ta’uu danda’uu isaa ibsa/ Wangeelli Yohaannis “Amantii” jecha jedhu miira adda addaa keessatti itti fayyamee, ofitti fudhannaa jalqabaa hanga deebii miira qabeessa Amantii dhugaatti ilaala.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 12:44-50

⁴⁴Yesuus sagalee isaa guddisee “Namni anatti amanu, isa ana erge sanatti amana malee, anatti amana miti. ⁴⁵Namni ana argus isa ana erge sna arga. ⁴⁶Eenyu illee kan anatti amanu, dukkana keessatti akka

hin hafneetti, ani ifa ta'ee gara biyya lafaa kana dhufeera. ⁴⁷Namni dubbii koo dhaga'ee yoo eeguudhaa baate, ani isatti hin faradu; ani biyya lafaa oolchuudhaafan malee, itti faraduudhaaf hin dhufne. ⁴⁸Nama ana tuffatee dubbii koo fudhachuu dideetti kan faradu jira. Dubbii ani dubbadhetu guyyaa isa dhumaatti isatti farada. ⁴⁹Abbichi isuma na ergetu ofii isaatii waanan dubbadhu na abboome malee, ani ofuma kootiin hin dubbanne. ⁵⁰Dubbiin inni na abboomes jireenya bara baraa akka ta'e ani beeka. Egaa waanan jedhu akka Abbaan anatti himettan dubbadha jedhe.

12:44 “namni anatti amanu isa na erge sanatti amana malee anatti miti” Kaayyoon amantii irra caalaan abbaatti (cf. 1Qor 15:25-27). Kunis ergaa ammaati (cf. Mat. 10:40; 5:24). Ilma beekuun, Abbaas beekuudha (cf. 1Yoh. 5:10-12).

12:45 Waaqayyoo maal fedha? Yesuus arguun Waaqayyos argudha (cf. 14:7-10)!

12:46 Addunyaan Uuma. 3 eegaltee dukkana keessa galte (cf. 6:5, 11-12; 8:21; Far. 14:3; Isa. 53:6; Rom. 3:9-11).

12:47 “Namnti dubbii koo dhaga'ee yoo eeguudhaa baate” Kunis HIMA OTOLAA SADARKAA SADAFFAA kan gocha cimaa (potential action) ibsudha. Itti fufanii abboomamuun mallattoo hariiroo namummaa amantiidhaan itti fufuuti. Bu'aan isaas jijjiiramaa fi jireenya abboomamtootaa jijjiiruu fi haalota ulfaatoo keessatti kaayyoo galmaan ga'uudha. (Mata Duree Addaa 8:31 irra jiru ilaali, cf. Macaafota Yaa'iqoob fi Yohaannis isa duraa ilaali).

12:47-48 “Ani biyya lafaa oolchuudhaaf malee, itti faraduudhaaf hin dhufne” yesuus durumaan durseeyyuu biyya lafaa kana cubbuu isheerraa qulleessuuf dhufe. Garuu, dhufaatiin isaa dhugaan akka namoonni murteeffatan godheera. Yoo isaan morman, ofitti faraduu isaanii (Mata Duree Addaa 8:31, cf. Yoh. 3:17-21 ilaali).

12:49-50 Yesuus aboo Waaqayyootiin dubbate malee kan dhuunfaasaa miti.

12:50

NASB,NKJV,
NRSV, TEV

“Abboommiin isaa jireenya bara baraati”

NET

“Abboommiin isaa jireenya bara baraa kenna”

NJB

“Abboommiwwan isaa jireenya baraa jechuudha”

REB

“Abboommiwwan isaa jireenya baraa baraati”

NIV

“Abboommiin isaa gara jireenya bara baraatti geessa”

Net (miil jalee)

“Abboommiin isaa bu'aa jireenya bara baraati”

Filannoon jalqabaa barreeffama ogbarruu Giriikii warri kaan hiika isaa jijjiiruuf yaalaa turaniiru.

NASB Ergaa Yoh. 6:68 irraa kan walfakkaatu yoo qabaatu, Michael Magill's *NT transline* kan jedhu immoo kan Yoh. 17:8 irra jiru qaba. “The Jerome Biblical Commentary” kan jedhu immoo fuula 451 irratti kan Yoh. 10:18 irra jiru akka walfakkiitti qabata. Sirriidha jechi kun hiika hedduu kan qabudha. Yohaannis keessatti Baaqqee (singular) fi dacha (plural) jecha kanaa gidduu walitti bu'insi ni mul'ata. Kunis jechi Abboomamuu (“commandment”) jedhu barbaachisummaa Ibsa barreeffamaa malee kan ta'u jechuudha.

MATA DUREE ADDAA: BARREEFFAMOOTA YOHAANNIS KEESSATTI FAAYIDAA “ABBOOMMII”

1. Akka “seerota Muuseetti” tajaajileera Yoh. 8:5
2. Abbaarraa gara Yesuusitti
 - a. aarsaa qulqulleessuuf godhu irratti akka of eeggatuuf Yoh. 10:18; 12:49, 50; 14:32
 - b. addunyaa jaalala Yesuus abbaaf qabdu akka beektuuf Yoh. 14:31
 - c. Yesuus abboommi Abbaa Eegeera Yoh. 15:10
3. Yesuus irraa gara amantootaa

- a. jaalala isaa keessa deddeebi'aa Yoh. 14:15; 15:10
- b. waliikeessan jaaladha, Akkuma inni isaan jaalate sana, Yoh. 13:34; 15:12:17; 1Yoh. 2:7-8; 3:11, 23; 4:7, 21; 2Yoh. 5
- c. abboommii isaa eegaa (i.e b), Yoh. 14:15; 15:10, 14; 1Yoh. 2:3, 4; 3:22, 24; 5:1-3; 2Yoh. 6
- 4. Abbaa irraa gara amantootaatti
 - a. Yesuusitti amani 1Yoh. 3:23 (cf. Yoh. 6:29)
 - b. walii keessan jaaladhaa, 1Yoh. 3:23

GAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Maariyaam obboleettiin Alaazaar, maaliif miila Yesuus dibdee?
2. Matiwoos, Maarqoos fi Yohaannis maaliif ta'ii gocha isaaniin gargar ta'anii?
3. Barbaachisummaan Tuutni namootaa sun Yesuus arguuf muka meexxii qabatanii kan Far. 118 irraa fudhatame kana hojiirra oolchaniif maaliif?
4. Yesuus maaliif Giriikoota Isa waliin dubbachuu barbaadan sanaan deeme?
5. Maaliif lubbuun Yesuus dhiphattee? (cf. lak. 27)
6. Maaliif akka Yohaannis "amantoota" miira adda addaa itti fayyadameef ibsa kenni.

YOHAANNIS 13

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Miila ergamootaa dhiquu	Gooftaatu hojjetaa ta'e	Irbaata isa xumuraa	Yesuus miila ergamootaa isaa dhiqe	Miila dhiquu
13:1-11	13:1-11	13:1-11	13:1 13:2-6 13:7 13:8a 13:8b 13:9	13:1 13:2-5 13:6-11 13:12-16
	Nutis hojjechuu qabna		13:10-11	
13:12-20	1:12-30	13:12-20	13:12-17 13:18-20	13:17-20
Yesuus akka ganamuuf jiru dursee dubbate		Yesuus akka ganamu raaje	Yesuus akka ganamu raaje	Yihudaan dabarsee akka kennu himamuu
13:21-30		13:21-30	13:21	13:21-30
Abboommii haaraa			13:22-24	
13:31-35			13:25 13:26-29 13:30	
	Abboommii haaraa		Abboommii haaraa	Nagaa isa dhumaa dhaamuu
	13:31-35	13:31-35	13:31-35	13:31-35
Pheexiroos akka ganuu himamuu isaa	Pheexiroos akka isa ganu Yesuus dursee dubbachuusaa		Yesuus Pheexiroos akka isa ganu raajuusaa	
13:36-38	13:36-38	13:36-38	13:36a 13:36b 13:37 13:38	13:36-38

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA A ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf.

HUBANNOO QABIYYEE WANGEELA YOHAANNIS 13:1-38

- A. Wangeelli Yohaannis boqonnaa 12ffaa keessattimilikkita Yesuus raawwateen xumura. Boqonnaa 13ffaan torbee amantii isa dhumaatiin eegala.
- B. NASB yaadni q’annaa Macaafa Qulqulluu miila jalatti barreeffame yaada nama gammachisu ka’a. “Maqaa Warra Giriikootaa Agaappee (jaalalaa) fi xumura *agapaō* (jaalala) jedhu si’a saddeet duwwaa boq. 1-12 garuu immoo si’a 31 boq. 13-17”
- C. Yohaannis akka warra Siinooptiksii waa’ee irbaata gooftaa hin galmeessine. Inni galgala sanatti kutaa isa olii keessatti waliin mariyachuun turuusaatti hubannookenna (Boq. 13-17, kun ammoo wangeela isaa keessatti dhibbeentaa mul’achuu danda’u qabaata. Yaadni kun eenyummaa gooftaa fihojii isaa mul’isuun dirqamadha). Namoonni tokko tokko yaadni kum mul’achuu hafuu isaatti ta’e jedhamee seenaa waldoolee duraanii gadi qabuu kan hojjetame akka ta’etti ilaalu. Yohaannis irbaata gooftaa ykn cuuphaa gooftaa irratti yaada balaa hin kennine.
- D. Qabiyyeen seenaa Wangeela Yohaannis 13 Wangeela Luqaas Boq. 22:24 keessatti mul’achuu danda’a. Ergamoonni kanneen lamaan keessaa isa kamtu akka caalu irratti wal falmii qabu.
- E. Haalli teessuma fizikaalawaa Waneegala Yohaannis 13:17 Yerusaalem keessatti akka kutaaolaanaatti ilaalma (ykn akka filannootti Boq. 15-17 gara Geetasimaanetti, 14:31), tarii mana Yohaannis Maarqos, halkan itti Yesuus Yihudaadhaan ganame.
- F. Kaayyoon Yesuus miila dhiquu kan adda ta’an lamatu jiru.
 1. Lakk. 6-11 iddoo keenya bu’ee fannoo irratti bu’uusaa
 2. Lakk 12-20

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 13:1-11

¹Ayyaana sooma hiikaa dura Yesuus sa'aatiin inni itti biyya lafaatti adda bahee gara abbaasaa deemmu dhufuusaa hubatee hamma dhumaatti isaan jaallate. ²Irbaata sanatti yeroo dhiyaatan, hafuurri hamaan laphee Yihudaa isqorotichaa ilma Simoonitti gansiisuuf gale. ³Yesuus Waaqayyo abbaan waan hundumaa dabarsee harkasaatti akka kennu beekke, akkasumas Waaqayyo abbaa biraa akka dhufe akkasumas immoo deebi'ee gara abbaasaa akka deemmu, ⁴Irbaata sanarraa ka'ee, qoloosaa gar-tokkotti deebifachaa, foomaa fudhatee dafqasaa haxaawwachuutti ka'e. ⁵Achumaanis bishaan taatuusaatti naqatee gadi jedhee mila egamooasaadhiquu akkasumas foomaadhaan qoorsuu eegale. ⁶Gara Simoon Pheexiroos yammuu dhufe, gooftaa ati miila koo dhiqxaa? Jedheen. ⁷Yesuus immoo deebisee akkasittiin jedhe. "Wantan amma hojjedhu kana amma hubachuu hin dandeessu, garuu kana booda ni hubatta" ittiinjedhe. ⁸Pheexiroosis deebisee "Ati gonkumaa miila koo hin dhiqxu" ittiinjedhe. Ysuus deebise, anii miilakee hin dhiqu yoon ta'e ati ana biraa qooda hin qabdu ittiin jedhe. ⁹Simoon Pheexiroosis "yoosimmoo gooftaa miilakoo qofa miti, harkaa fi mataa koo malee" jedheen. ¹⁰Yesuus deebisee "namni dhiqatuu miilasaa qofa yoo dhiqatee qulqullaa'aa ta'a. Ati amma qulqulluudha. Garuuhundumakeessan miti" ittiinjedhe. ¹¹Kan dabarsee isa kennu waan beekkeef, isin hundi quqlulloota miti ittiin jedhe.

13:1 gaalee "ayyaana sooma hiikaa dura" jedhu irratti Yohaannisii fi wangeelli Synooptiksii dhimmi kun guyyaa irbaata ayyaana sooma hiikaa ykn irbaatuma sooma hiikaa ta'uu fi dhiisuu irratti walmormu. Isaan lamaanii guyyaa irbaata gooftaa sana Kamisarraa, guyyaan fannifamu ammoo Jimaatarra kaa'u (19:31; Marq. 15:45; Luqaas 23:54). Guyyaan irbaata gooftaa kun yaadannoo guyyaa biyya misiraatii ba'uu saba Isiraa'eli (S.B 12). Yohaannis gyttaab jyb gyttaab urbaata giiftaa jyb gyttaa anakeeffatane dyra gyttaa hury ajja ta'e cunsee dybbata (18:28; 19:14, 31, 42).

Hawaasni beekamaan lakkoofsa guyyaa fi baraa garaagara ta'e qabaachuu ni danda'a. Kana jechuun lakkoofsa baraa kitaabilee Jubilis fi Heenookirraa, bara lakkoofsaa amma jiru kanaan wal-bira qabaniif tuffatu. Kun ammoo guyyaa irbaataa gooftaa kana guyyaa amaleeffatameen dura taasisa.

Kutaan Macaafa Qulqulluu warra jaroomee yaada bara kana jiraniif guduunfuudhaan Yohaannis guyyaan irbaata gooftaa kun guyyaa amaleeffatameen dura ta'uunsaa sirrii ta'uusaa yeroo kaa'u, wangeelli warra Siinooptiksii ammoo irbaata kana akka fakkeenyaatti fudhata. Wanti yeroo mara hubachuu qabnu tokko wangeeloonni fiilmii, sababaa fi bu'aa, seenaa tarreeffame akka hin taaneedha. Seenaan sirriidha yknmiti, dhugaadha ykn soba osoohin jedhin karaa baay'eedhaan barreeffamuu danda'a. Seenaan taatee yeroo darbee eeruudhaan taatee yeroo ammaa/ilaalcha ammaan tana jiru barsiisuudha. Wanti dhugaan tokko garuu seenaa kana eenyutu/maaliif barreesse kan jedhuudha. Dubbiin baay'ee gaariin waa'ee seenessa seenaa fi wangeelaa kan namni Gordon Fee fi Douglas Stuart kitaaba isaanii "Macaafa Quqlulluu bu'aasaa argachuuf akkamiin dubbisu qabna" jedhu irratti kan barreeffameedha (Fuula 89, 126).

▣ **"Yesuus sa'aatiinsaa akka dhiyaatee beekke"** Beekuun wanta ta'e ykn ta'uuf jiru tokko sirriitti addaan baasanii hubachuudha. Yesuus umurii isaa 12tti abbaa wajjin walitti dhufeenya adda ta'e akka qaan hubate (Luqaas 2:41-51). Boqonnaa 12:20-23tti warri Giriikotaa isa ilaaluuf dhufuun isaanii yeroon du'uu fi kabajamuu Yesuus akka dhiyaate agarsiisa (cf. 2:4; 7:6, 8, 30; 8:20; 12:23, 27; 17:1).

▣ **"biyya lafaattii adda bahee gara abbaa deemuu"** Wangeelli Yohaansi kutaa Macaafa kana irratti xiyyeffachuusaa ituuma fufe (cf. Lakk. 3). Yesuus abbaa biraa ergame (8:42) amma ammoo gara abbaatti deebi'a. Wangeelli Siinooptiksii Yesuus akka inni barsiisa dalgee umurii warra Yihudootaa barsiisutti ilaalu. Isaan duranii mootummaa Waaqaa akka argatanii fi kanaafis akka hin dhiphanne akka barsiisetti jechuudha. Dubbistoonni bara ammayyaa kanaa waa'ee wangeelaa gaaffiiwwan hedduu kaasu. Garuu wantoonni jedhaman kun yeroo dalagaman, wantoonni barreeffaman kunniin addunyaan kun wangeelaan akka ilaalantu mul'ise.

1. Waaqa tokkicha qofaatu jira
2. Namni akka bifaa fi fakkeenya isaatti uumame irra daddarbaa fi cubbuutti kufe
3. Waaqayyo masihii biyya lafaatti erge.
4. Ilmi namaa amantiidhaan, qalbii diddiirraannaadhaan, ajajajamuudhaa, jabaatanii dhaabbachuudhaan gara

kanatti dhiyaachuu qaba.

5. Hafuurri lamaan nama keessaa Waaqayyoo fi yaada isaatiin mormu ni jira.

6. Uumamni dammaqe hundinuu jireenya isaanii Waaqayyootti kennu.

Jechi “addaan bahuu” jedhu barreeffama Yohaannis (kufaatii jechuunis, namummaa isa moofaa isa cubbuu fi yakki balleesse) irraa gara hafuura isa haaraa fi jireenya bara baraa keessatti akka yaada xiyyeeffannoo barbaachuutti ilaalama (cf. 5:24; 131; 1Yoh. 3:14; 7:3 keessatti kan ittiin waa’ee ba’amuun ala).

▣ **“warra kansaa ta’an jaallatee”** Gaaleen warra Fariisooa paappiirasii warra Gibtsii keessatti itti dhimma bahamee jira (moolton, Milligan, jechoota warra Giriikotaa Kakuu Haaraa keessatti) kunis fira dhiyoof kan ta’uudha (Luqaas 8:1, 9-21)

▣ **“warra biyya lafaa keessa jiran”** Yohaannis jecha “kosmos” jedhu karaa baay’edhaan dhimma itti baheera.

1. biyyi lafaa kun (1:10; 11:9; 16:21; 17:5; 11, 24; 21:250)

2. Ilma namaa (3:16; 7:4; 11:27; 12:19; 14:22; 18:20-37)

3. Ilma namaa isa abboommii dide (1:10, 29; 3:16-21; 4:42; 6:33; 7:7; 9:39; 12:31; 15:18; 17:25).

Haala ergamaan Phaawuloos jecha “kosmoos” jedhu itti fayyadame boqonnaa 14:17 keessatti argama.

▣ **“inni hamma dhumaatti isaan jaallate”** Jechi kun jecha warra Giriikii “teeloos” jechuunis “gocha xumurame” jedhuda. Kun ammoo hojiiaraarsuu Yesuus fannoo irratti raawwatedha. Jecha kanaan kan walfakkaatu jecha Yesuus dhuma irratti fannoo irratti dubbatee (19:30), “xumurameera” jedhudha. Innis isa nuyihundumtuu paappiirii warra Misiraa irra baranne, innis “gatii guutuu baase” kan jedhuudha.

13:2 “yeroo Irbaataatti” Qabxii kanarratti, hiikaan Giriikotaa adda addummaa mul’isu. Garaagarummaan isaanii jecha tokkoon kan ifuudha.

1. *ginomenou* (Yeroo irbaataa) MSS κ, B, L, W

2. *ginomenou* (Irbaata booddee) MSS P⁶⁶, κ, A, D

UBS’n garuu filannoo adda addaa kenna #1 1 “B” (hanga ta’e dhugummaa kan qabuudha). Kunis

1. Irbaata booda

2. eebba xoofoo jalqabaatti aanee, irraa-jalli isaa harka dhiqachuurraa eegala.

3. Eebba xoofoo isa sadaffaa booda

MATA DUREE ADDAA: AJAJA QOPHII AYYAANA SOOMA HIIKAA JAARAA TOKKOOFFAA BIYYA WARRA YIHUDAATTI

A. Kadhannaa

B. Daadhii wayinii

C. Harka dhiqachuu fi amantootaafi warra hafanittis qodaasaa dabarsuu

D. hadhooftuu dhaabuu

E. Ilmoo hoolaa fi dhangaa gaarii

F. kadhannaa fi hadhooftuu dhaabuu

G. daadhii wayinii burcuqqoo lammaffaa fi yeroo gaaffii fi deebii daa’imman waliin

H. faarfannaa Daawit faarfachuu fi kadhachuu (113-114)

I. Abbaa ayyaanichaa harkasaa erga dhiqatee booda saamunaa warra kaaniitti dabarsa.

J. Hundumtuu hamma quufutti nyaatu, Ilmoo hoolaa (xabboota) tokkos ni fixu.

K. Erga harka dhiqatanii booddee daadhii wayinii sadaffaa

L. faarfannaa Daawit 115-118 faarsuu

M. dhufaatii mootummaa Waaqaa kan agarsiisu daadhii wayinii araffaa

Namoonni baay’een akka amananiiti, bakka raawwii irbaata gooftaa “K” irratti jedhu.

▣ **“Hafuurri hamaan laphee Asqoorotu Yihudaatti galee”** Kun darbaa fagoodha. Yesuus jalqabumarraa waa’ee Yihudaa beekke jira (6:70). Hafuurri hamaan sun jalqabumarraa eegalee yeroodheeraadhaaf Yihudaa qoraa ture (Mata Duree Addaa: “laphee 12:40 ilaali. Boqonnaa 18:1 irraa yaadanoo guutuu ilaali.

13:3 “Yesuus abbaansaa waan hundumaa harkasaa jala akka galche beekke” Kun akkuma lakk. 1Ffaa agarsiistuukan qabuudha. Kutaan kun iddoo Yesuus dubbii ajaa'ibsiisaa waa'ee ofii isaatii fi waa'ee aangoosaa itti dubbateedha (3:35; 17:2; Matt. 28:18). Dubbiin onnee kakaasu baay'inaan mul'ata. Waaqni abbaa Yesuusiif fannifamuu waan hundumaa kenne. Kennaan kun waan inni abboomameef qofa miti kan kenne, eenyummaa isaatiif immoo malee. Inni eenyu akka ta'e of beekke miila namoota nu keessaa “eenyutu caala” jedhanii waliin mormanii dhiqe.

▣ **“Inni Waaqayyo biraa dhufe”** Wantoota sadan lakkoofs 3ffaa irratti gooftaan beeke eeraman keessa ainni kun isa tokkodha.

5. Waaqayyo waan hundumaa harkasaa jala galche
 6. Inni Waaqayyoo biraa gara keenya dhufe
 7. Inni deebi'ee gara Waaqaa deema (7:33; 14:12, 28; 16:5, 17, 28; 20:17)
- Warri gara dhumaa jiran lamaan kutaa Macaafa Yohaannis keessatti mul'atu.

Inni qabxii 2ffaa irra jiru Wangeela Yohaannis keessatti waan addaa qaba (8:42; 13:3; 16:28,k 30; 17:8). Inni kun hundeenii fi iddoon isaa eessa akka ta'e mul'isa (Waaqarraa ta'uu isaa).

13:4 “Irbaatarraa ka'ee” Iddoo kanatti teessuma osoo hin taane ciqilfatani taa'aa akka jiran yaadachuun barbaachisaadha.

▣ **“uffata ofirraa darbatee”** Lakkoofsi baay'een “uffannaa” jedhu kun uffannaa Yesuus isa alaa agarsiisa (19:23; HoE 8:16). Ibsi kun akkuma kanatti 10:11, 15, 17, 18 Yesuus lubbuusaa akka dhiise itti dhimma ba'ameera. Inni kun tarii gocha Yohaannis agarsiisuu barbaade isa biroo ta'uu mala. Miila dhiquun gocha namummaadhaaf taasifamuu ol akka ta'e agarsiisa.

13:5 “miila ergamootaa dhiqe” Jechi warra Giriikootaa kutaa qaama namaa keessa isa tokko dhiquun jechuudhaan itti dhimma ba'a. Jechi lakk. 10ffaa irra jiru garuu qaama guutummaa dhiqachuu jechuudhaan gargaarama. Miila dhiquun hojii garbichaa/ttiiti. Geggeessitonna amantii warra Isiraa'el ergamoota isanaii irraa gocha akkasii hin fedhan. Yesuus, waan ergamee dhufeef beekke, miila ergamootaa warra jal'oo fi hinaaftootaa dhiquun jaal'ate.

13:6 Gaaffiin Pheexiroos gaafate deebii argachuudhaaf osoo hin taane waan Yesuus itti agarsiise dhiisuudhaaf karaa barbaaduusaa ture Pheexiroos akka yaadasaatti waan Yesuus gochuu qabuu fi gochuu hin qabne waan beekke itti fakkaate (Matt. 16:22).

13:7 Ergamoonni warri goftaa wajjin jiraachaa turan, barsiisaa fi gocha Yesuus hubachuu hin dandeenye (2:22; 10:6; 12:16; 14:26; 16:18). Haalli hubachuu dadhabuu kun haala walqabannaa irraa jalaa ibsa.

13:8 “Ati gonkumaa miila koo naaf hin dhiqxu” Kun mormii cimaadha; kana jechuunis “haala kam keessattiyuu gonkumaa hin ta'u” jechuudha. Jecha “Gonkumaa” jechuuf mata duree addaa keessatti 6:58 irraa ilaali.

▣ **“yoon miila kee siif dhiquu baadhe ati anaa wajjin qooda hin qabdu”** Kutaan kun kan agarsiisu wanti guddana fakkeenyummaaf osoo hin taane hojiidhaaf asitti mul'achuu akka qabuudha. Lakkoofsi 6-10 hojii Yesuus cubbuu dhiisuudhaaf fannoo irratti raawwate waliin wal fakkaata.

Gaaleen lammaffaan jecha Kakuu Moofaa keessaa tarii waa'ee dhaalaa waliin walitti hidhata. (cf. Deut 12:12 2Saamu. 20:1; 1Mootota 12:12). Kutaalee kanneen keessatti kan eeraman kun jechoota ciminaan ofitti hammachuu dadhabuu mul'isu.

13:9 Diddaan warra Giriikii “miti” jedhu yeroo baay'ee “dhiquu/qachuu” waliin walitti hidhata.

13:10 “inni dhiqate” Yesuus waa'ee qulqullaa'uu dubbate. Pheexiroos ni dhiqate (15:3; Tiitoos 3:5) haata'uu malee qalbii diddiirraannaasaa ittuma fufe (1Yoh. 1:9). Kunis duuka buutummaa (tokkummaa) Yesuusii wajjin qabu irra deebi'ee cimsachuudaaf ture.

Qabiyyee kana keessatti wanti biroon mul'atu Yesuus Yihudaan akka isa ganu dubbachuusaati (Lakk. 11 fi 18). Kanaafuu waa'een dhiqachuu kun wantoota lama agarsiisuu danda'a. (1) dhagna Pheexiroos ykn (2) garee ergamootaa.

▣ **“isin amma qulqulleeffamtaniittu, haa ta'uu malee moo hunda keessan miti”** Jechi “isin” jedhu kun baay'ina agarsiisa, gara ergamootaatti agarsiisa, haa ta'uu malee Yihudaan keessa hin jiru (lakk. 11, 18; 6:70).

“Qulqulleeffamuu” kan jedhu kun ergaa Yesuus ergamoonnisaa akka lapheetti qabatan barbaaduudha (lakk. 15:3). Isaan amma qulqulluudha, sababiinsaa isana isa qulqulluu amananiiru/fudhataniiru duuka bu'aniiru. Innis Yesuusi!

Gaalee “hunduma keessan miti” jedhuuf mata duree addaa, wanta Yohaannis 6:64 irratti ibsame ilaali.

13:11 Wangeeloonni TEV fi NET lakkoofsota kana cuftuu keessa kaa'u, akka gulaalaan barreeffamichaa qeeqettis hiikkatu.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 13:12-20

¹²Yesuus miila isaanii dhiqee wayyaa isaa fudhatee, iddoo isaatti erga deebi'ee booddee, “waanani isiniif godhe hubattuu ree? ¹³Barsiisaa, gooftaas' jettanii na waamtu, isin akkuma jettaniyyuu ai isa. ¹⁴Ani barsiisaan keessaniif I gooftaan keessan ergan miilla isiniif dhiqee, isinimmoo miilla walii walii keessaniif dhiquun isiniif ta'a. ¹⁵Ani akkuman isiniif godhe, isinis immoo akka gootanitti fakkeenya isiniif ta'eera. ¹⁶Dhuguma, dhugumaan isinitti hima, hojjetaan isa hojjechiifatu irra hin caalu. ¹⁷Kana erga beektanii, akkuma kanatti yoo hojjetan kan ayyaanomtaniidha. ¹⁸Ani waa'ee hunduma keessaniitiif hin dubbadhu, warra ani fo'adhe immoo beeka; inni Macaafni, Namichi buddeena koo nyaate ni dhiite! Jedhu garuu, raawwatamuun in ta'a. ¹⁹Yommuu inni ta'u ani isa ta'uu koo akka amantaniif, utuu inni hin ta'in duraan dursee amam isinitti nan hima. ²⁰Dhuguma, dhugumaan isinitti hima, namni isa ani jedhe simatu ana simachuu isaati, namni ana simatus isa ana erge simachuu isaati” iedhee isaanitti dubbate.

13:12-20 Lakkoofsota 6:10 jiran faana yeroo ilaalamu kutaan kun waa'ee fakkeenyummaa Yesuus gadi of deebisuuf hojjete dubbata. Ergamoonni nu keessaa eenytu caala jechuudhaan wal falmaa turan (Luq. 22:24). Qabiyyee kana keessatti Yesuus waan garbichi hojjetu hojjetaa mala jechuu akka ta'ee fi akkamittiin akka ta'e isaanitti mul'ise.

13:14 “**yoona**” Jechi kun nama aboo waa dalaguu qabuuf dhugaa fi kaayyoosaa akka ta'e mul'isa.

▣ **“Gooftichaa fi Barsiisicha”** agarsiisota “cha” jedhan lakkoofsota 13 fi 14 keessatti hubadhu. Akkasumas mata dureen kun akka wal jijjiiretti yaadi. Inni isa aangoo cimaadhaan dubbatuudha. Inni abbaa kan agarsiise ajajamuu fi amanamummaan akka jiraatu kan nurraa eeggatuudha. Waan inni hojjete, isaan agarsiisuu qabu (lakk. 15).

13:14-15 Isiniis miila walii walii keessanii dhiquun isiniif in ta'a. Himni kun gochi gadi of deebisuu waldoolee kiristiyaanaatiif akka seera sadaffaatti jechuudha? Amantoonni baay'een deebii gaaffii kana “miti” jechuudhaan deebisu. Sababiinsaas:

1. Hojii ergamootaa keessatti gochii kun raawwachuusaatiif wanti galmaa'e dhibuu
2. Ergaalee adda addaa Kakuu Haaraa keessatti barreeffamni jiran irratti waa'ee kanaan wanti jedhame dhibuu
3. Akka cuuphaa Irbaata gooftaa walitti fufiinsaan miila walii dhiquun akka jiraatu ajaji darbe hin jiru (Matt. 28:19; 1Qor. 11:17-34).

Kana jechuun garuu dhimmi kun Waaqeffannaa keessatti iddoo hin qabu jechuu miti.

Fakkeenyi Yesuus isaaniif kenne gadi of-deebisuu qofa miti. Gochaa aarsaa ta'usillee moo (15:12-13). 1Yohaannis keessatti kun akka gaariitti ifu jira. Yesuus hamma dhumaatti isaan jaal'ate (lakk. 1). Isaanis kana caalaa akka waljaala'atan (kana jechuun, hamma wareegama lubbuutti, faallaa kufaatichaa) jechuudha.

13:16 “Ani dhuguma, dhuguman isiniin jedhaa” Kana jechuun yaadichaatti waliif galuudhaa haa ta’u haa ta’u jechuudha (lakk. 20). Yesuus barreeffama warra Giriikootaa keessatti jecha kanatti dhimma bahuudhaaf isa jalqabaa akka ta’e ni mul’ata. Jechi kun kan itti fayydamamu (1) itti waliigaluuf ykn (2) wwanta himame tokko cimsuufidha. Jechi kun hima jalqaba irratti yeroo dhufu ykn daddabalamee yeroo dubbatamu, akka dheekkamuu ykn xiyyeeffannaa akka argatutti ilaalama. Kanaaf mata duree addaa; Haa ta’u (Aamneen) jedhu 1:51 irraa ilaali.

▣ **“hojjetaan isa isa hojjechiifatu hin caalu”** Kun waan dhugaa dubbachuuf akka jiru mul’isa.

1. Yohaannis 13:16 irratti inni ergamu isa isa erguurra hin caalu jedha.
2. Yohaannis 15:20
 - a. Na ariyatani yoo jiraatan isinis in ariyatu
 - b. Dubbii koo eeganii yoo jiraatan dubbii keessanis in eegu
3. Luqaas 6:40 (yaaduma gararratti ibsameen kan walfakkaatu ta’ee) garuu namni kamiyyuu haal agaariidhaan erga leenji’ee booda akkuma barsiisaa isaa ta’uu ni danda’a (Maat. 10:24).
4. Luqaas 22:27 (yaada olitti ibsame faana wal fakkaata) haa ta’u malee, ani garuu isin gidduutti akka isa ergamuutti jedha.

13:17 “kana erga beektanii, akkuma kanatti yoo hojjetan kan ayyaanomtaniidha” “yoo” kan jedhu kun haala ta’e tokko kan agarsiisuudha, yaadichis akkaataa ilaalcha nama barreessu sanaatti dhugummaa kan of keessaa qabuudha. “yoo” inni sadaffaan humna gochaa kan of keessaa qabuudha. Yoo beekne, hojjechuutu nurra jira (Matt. 7:24-27; Luq. 6:46-49; Roomee 2:13; Ergaa Yaaq. 1:22-25; 4:11)! Kiristoosiin fakkaachuu malee beekumsi galma ta’uu hin danda’u. Kun jecha warra Ibrootaa “sheemaa” hojjechuudhaaf dhaga’uu” (cf. Deut 6:4).

13:18 “Inni macaafni jedhu haaraawatuuf” Inni kun waa’ee Yihudaa dubbachuusaa agarsiisa. Walitti dhufeenya fedha namaa fi galmaa isaa gidduu jirus in agarsiisa.

Yesuusii fi ergamoonni isa ahojiirra oolmaa caaffata qulqullaa’aatti in amanu. Yeroo dubbatamu, akka hubatamu/amanamuu fi (Maat. 5:17-19). Yohaannis irra deddeebi’ee yaada “Inni macaafni jedhu haaraawatuuf” jedhu kana ni eera (12:14; 13:18; 15:25; 17:12; 19:24, 36).

▣ **“NAMNICH I BUDDEENA KOO NYAATE NA DHIITE”** Gaaleen kun Faarsaa Daawit 41:9 irraa fudhatame. Walii wajjin nyaachuun mallattoo firummaati. Biyyoota Bahaa giddu galeessaa keessatti faana miillaa namatti agarsiisuun tuffii mul’isa.

13:19 Kutaan kun kaayyoo dinqii Yesuusii fi raajiisaa mul’isa. (20:31). Wangeela Yohaannis keessatti amantii guddachuu fi muuxannoo walirraa hin cinne argachaa adeemuu ta’uusaa argina. Yesuus amantii warra ergamoo walitti fufiinsa guddisaa ture. Mata duree addaa 9:7 irra ilaali.

Yesuus amantii isanaii karaa

1. Sagalee isaa
2. Gochaa isaa
3. Beekumsa isaa guddisaa ture.

Yesuus hundeeraa karaa haaraa isaan Waaqayyoo wajjin sirrii ta’an isaaniif fide.

1. Isa malee Muuseen xiyyeeffannoo hin turre.
2. Hojiidhaan osoo hin taane, ayyaanaani.

▣ **“Inni ana akka ta’e”** Kun maqaa Waaqayyoo isa “Yaahiwwee jedhu ittiin beekuuf ta’a. Innis isa jecha warra Ibrootaatiin “ta’uuf” jedhuudha (“Ana” seera Ba’uu 3:4). Iddoo kanatti Yesuus Masihi isa badachiifame sana ta’uusaa ifatti yeroo inni dubbatu argina (4:26; 8:24; 28:58; 13, 19 fi 18:5, 6, 8; Matt. 24:5 fi Maarq. 13:6; Luqaas 21:8).

Mata Duree Addaa mqa Waaqa 6:20 irra ilaali.

13:20 Yohaannis yeroo baay’ee jecha “Amanuu” jedhu gargaarama, “itti amanuu” ykn “isatti amanuu” kunis kiristiyaanota agarsiisuudhaaf kan inni itti gargaarameedha. (Mata Duree Addaa Yoh. Waa’ee amantitiif gargaaram 2:23 irra ilaali). Yohaannis garuu jechoota addaa kanneen akka “Simachuu” ykn “fudhachuu”

jedhanittis dhimma ni baha (1:12; 5:43; 13:20). Wangeelli namicha simachuu fi waa'ee namichaa dhugaa wangeelli waa'ee namichaa jedhu fudhachuudha, akkasumas jireenya namicha fakkaatu (mul'isu) jiraachuudha.

▣ **“namni isa ani erge simate anasimmoo ni simata”** Kun duuka buutota Yesuusiif baboon akkamii akka kenname ibsuudha. Kun sadarkaa adda addaa irratti hojjechuu danda'a.

1. Adeemsa misiyoonummaa warra kduha lammanii (Luq. 10:16) fi warra torbaatamaa (Maat. 10:40)
2. Dhuga bahumsa waldaa kiristiyaanaa (17:20)

Ergaan waa'ee Yesuus human jijjiiruu qaba. Abboon sun ergicha keessa jira (wangeelicha keessa) garuu ergaa biyya lafaa keessa miti.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 13:21-30

²¹Yesuus erga kana dubbatee booddee, hafuura isaatti dhiphatee “Dhuguma, dhuguman isinitti hima, tokko isin keessaa dabarsee na kennuuf jira; jedhee dhugaa ba'e. ²²Bartoonni garuu waa'ee eenyuutiif akka inni dubbate walii wallaalanii, ija keessa wal ilaalan. ²³Bartoota isaa keessaa inni Yesuus jaallate tokko baay'ee Yesuusitti maxxanee in ta'a ture. ²⁴Kanaaf Simoon Pheexiroos waa'ee eenyuutiif Yesuus akka dubbate haa gaafatuuf, nyaaraan bartichatti agarsiise. ²⁵Bartuun sunis gara Yesuusitti jedhee, “Yaa Gooftaa eenyu inni?” jedhee gaafate. ²⁶Yesuus immoo “Inni ani buddeena afaan kaa'ata tokko cuuphee kennuuf isa” jedhee deebiseef; si'uma sanas buddeena afaan kaa'ata tokko cuuphee, Yihudaa ilma Simoon nama biyya Keriyoottiif kenne. ²⁷Yihudaan akkuma buddeena sana afaan kaa'ateen, seexanni isatti gale; yammuus Yesuus, “Waan gochuuf jettu dafii godhi” ittiinjedhe. ²⁸Warra maddiitti taa'an sana keessaas, malaiif Yesuus akkas akka ititin jedhe, homtinuu hin hubanne. ²⁹Kaan Yihudaan koroo horii waan baateef Yesuus” waan ayyaanaaf nu barbaachisu biti” ittiinjedhe; yookiis immoo akka inni hiyyeessotaaf waa kennuuf, itti hime se'an. ³⁰Yihudaan buddeena afaan kaa'ata tokko sana fudhatee, achumaan gad bu'e; yeroon isaa ammo halkan ture.

13:21 “Hafuura isaatti dhiphatee” Yihudaan Yesuusiin ganuun isaa yesuusiin baay'ee dhiphise (jechuuma wal fakkaataa Yesuus 12:27 irratti dhimma itti ba'e). yesuus Yihudaa kan filateef hafuuratti cimaa waan tureefidha; haa ta'u malee hamma dhumaatti turuu hin dandeenye (lakk. 18).

▣ **“Dhuguma, dhuguma”** yaada 1:51 irraa ilaali.

13:22 Lakkoofsi kun baay'ee dinqiisiisaadha. Duuka buutonni geengoodhaan taa'aa turan wanti durana akeekamee jiru gantuu akka isana hin taasisne sodaachaa turan. (Maarq. 14:19). Kun rakkoo murteessuu irraa maddeedha. Gochi Waaqayyoo al fedha namaa hin dhiibu, haa ta'u malee bu'aan fedha namaa kun ariifatee akka raawwatu ni taasisa.

13:23 “inni Yesuus jaallate” Inni kun Yohaannisuma mataasaa ta'uu mul'isa (13:23, 25; 19:26-27, 34-35; 20:2-5, 8; 21:7, 20-24). Yoh. Boqonnaa 19 lakk. 16 as isuma kana cimsa. Wangeela kan akeessatti maqaan Yohaannis gonkumaa hin mul'atu. Yesuus hundumaarra kan caalchifatu qabaa? Keessoo keessatti geengoo biroo qabaachuu mala. (Pheexiroos, Yaaqoobii fi Yohaannis) fi (Alaazaar, Maariyaam, Maartaa).

13:25 Qabiyyeen kun haala qindoomina nyaataa kan warra Filixeemootaa kan agarsiisuudha. Duuka buutoonni minjaalaa kottee fardaa fakkaatutti naanna'anii taa'u, ciqilee bifaa isanaii irratti hirkatanii fi miila isanaii gara duubaatti godhatanii jechuudha. Yohaannis harka mirgaa Yesuusiitti, Yihudaan ammo harka bitaatti (bakka ulfina sana jechuudha) ta'aan. Sababiin akka sitti taa'aniif wanti ibsame hin jiru. Yohaannis gara Yesuusitti garagaalee gaaffii gaafate.

13:26 “Inni ani buddeena afaan kaa'ata tokko cuuphee kennuuf isa” Kun mallattoo kabajaati (M. Ruut 2:14). Yihudaan bitaa Yesuus lafa ulfina sanaa taa'ee jira. Yesuus ammallee Yihudaa bira gahuu (yaada isaa argachuu) barbaada.

▣ **“Iscariot”** Mata Duree Addaa armaan gadi yaadannoo 6:71 fi 18:2 ilaali.

MATA DUREE ADDAA: ISCARIOT

Yihudaan Yesuusiin dhaga'ee, hubatee dhiheenyaan wagaa baay'eedhaaf Yesuusiin duukaa bu'eera. Garummoo amantiidhaan gooftaatti kan hidhate hin turre (Maat. 7:21-23). Akkuma Yihudaa, Pheexiroosis yeroo adda addaatti qorumsa adda addaa keessa seeneera. Haa ta'u malee gochii isanaii lamina bu'aawwan garaagaraa mul'isaniiru. Yaada Yihuudaan qabatee ka'e irratti yaadoolee ba'aan dhiyaachaa turaniiru.

1. Horii jaallachusaa (Yoh. 12:6)
2. Siyaasaan wal qabachuu (Namni Wiiliyaam Kalseen jedhamu, "Yihudaan gantu moo fira Yesuusi?" jedheera)
3. Hafuura seexnaa (Yoh. 13:27)

Dhiibbaa seexanaa ykn hafuura hamaa ilaalchisee maddooleen gaggaariin ni jiru.

1. Merrill F. Unger. Waa'een hafuura hamaa wangeelaan yeroo ilaalamu, hafuura hamaa biyya lafaa keessatti
2. Clinton E. Arnold *waa'ee hafuura irratti gaaffilee sadan*
3. Kurt Koch, *Christian Counseling and Occultism, Demonology past and present*
4. C. Fred Dickason, *Demon Possession and the Christian*
5. John P. Newport, *Demons, Demons, Demons*
6. John Warwick Montgomery, *Principalities and powers*

As irratti amanti sobaa fi wantoota dhugumaa hin qabnee aadaan wal qabatan irratti of eeggannoo gochuun barbaachisaadha.

Sexanni Maat. 16:23 irratti Pheexiroosiin dogogorseera, seexanni yeroo hundumaa hojii Yesuus dura dhaabbachuu barbaada.

1. Qoramuu Yesuus Luq. 4
2. Pheexiroosiin gargaaramu
3. Yihudaa fi Sanhederiinitti gargaaramuu

Yohaannis 6:70 irratti Yesuus Yihudaa seexana akka ta'eetti ibsa. Macaafni Qulqulluun waa'ee hafuura hamaa qabaachuu fi dhiibbaan inni amantiota irraatti qabu wantinni ibsu hin jiru. Garuu amantiinni filannoo ofii fi hammeenya mataa ofiitiin miidhamu.

Seenaa fi jalqabbiin jecha kanaa mul'ataa miti, Haa ta'uu malee carraalee hedduun mul'isan ni jiru.

1. Keeriyoota, magaalaa Yihudaa (Iyyaasuu 15:25)
2. Qartaan, magaalaa Galiilaa (Iyyaasuu 21:32)
3. Karoodas,
4. Skirootaa – boorsaa gogaa irraa tolfame
5. Askaaraa
6. Billaa warra ajjeeftootaa (Giriik) akkuma Simoon jechuudha (Luq. 6:15).

13:27 "Seexanni isatti galee" Wangeela Yoh. Keessatti jechi seexana jedhu kun yeroo jalqabaatiif mul'ate. Kana jechuun isa warri Ibrootaa Diina ykn mormituu jedhaniidha Luq. 22:3 fi Yoh. 13:20. Yihudaan seexanni waan itti galee itti gaafatamaa hin ta'uu? Macaafa Quqlulluu keessatti seera gochaa fi itti gaafatamummaa namaa gidduu garaagarummaan ni jira. Namoonni akka ofii yaadnaitti filannoo dhuunfaa qabaachuu hin danda'an. Hudnumti keenya seenaadhaan, muuxannoodhaan akkasumas dhalootaan amaleeffannaa qabna. Bifa nama kan murteessanirratti dabalatee nama kan guutuu taasisu seera haufuraati (Waaqa, Hafuura, ergamoota, seexnaa fi Hafuura hamaa) Kun waan dhokataadha. Ta'us namni roobootii miti. Gocha raawwamuuf, filannoo filannuu fi bu'aawwan isanaiitiif itti gaafatamummaa qabna. Yihudaan ni raawwate! Kan raawwate garuu qofaasaa miti. Gocha siaatiif garuu itti gaafatamaadha. Ganuun Yihudaa dursamee dubbateme (lakk. 18). Seexanni ammo sababa ganuu isaatii. Yihudaan guutummaatti gooftaa beekuu bira gahuu dhadhabuunsaa ykn amanuu dadhabuunsaa ajaa'ibsiisaadha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 13:31-35

³¹Yihudaan erga gadi ba'ee booddee, Yesuus "egaa ilmi namaa ulfina argachuu isaati. Waaqayyoos isaan ulfina argachuu isaati. ³²Waaqayyo isana ulfina erga argate Waaqayyommoo deebisee ulfina isa inarfachisa, dafees in argachiisa. ³³Yaa ijoollee koo. Si'achi yeroo gabaabaadhaafan isin wajin jira, na

barbaaduuf jirtu “iddoo ani dhaqu dhufuu hin dandeessan” jedhee Yihudootatti akkuman hime isinittisimmoo amam nan hima. ³⁴Akka isin wal jaallataniif abboommii haaraa isiniif nan kenna; ani akkuman isin jaalladhe, isin immoo akka wal jaallattan isin abboomeera ³⁵“Jaalala yoo wlaiif qabaattan kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku” jedhe.

13:31-38 Kutaan kun qabiyyee gaaffii irraa jalaan bartoonni gooftaa isa kutaa isa gara olii irratti gaafachaa turaniiti. Waa’ee adeemuu Yesuus irratti hubannoo gahaa waan dhabaniif gaaffilee adda addaa dhiyeessaa turaniiru.

1. Pheexiroos (13:36)
2. Toomaas (14:5)
3. Filiphos (14:8)
4. Yihudaa (isa Iscaariot miti) (14:22)
5. Bartoota warra hafan keessa muraasa (16:17-19)

13:31 “Ilma namaa” Yesuus ofii isaa agarsiisuuf jecha inni filateedha. Ka’umsi isaa Isqeel 2:1 fi Daan. 7:13dha. Inni kun namummaa isaatii fi Waaqummaa isaa mul’isa. Yesuus dura jecha kanatti namoonni fayyamanii waan hin beekneef itti fayyame. Kanaafuu jechichi eenyummaa ykn loltummaa hin mul’isu. Uumama isaa isa lamaanii tokko godhee dhiyeessa (1Yoh. 4:1-3).

13:32 Barreeffamni warra Giriikootaa kutaa kana keessatti in mul’ata. Dubbisni dheeraan NASB, NKJV, NRSV, TEV fi NJB keessatti argama. Barreeffamoota ጸ, A, C, K fi barreeffamaaniis deeggaramera. “Waaqayyo isaan ulfina erga argateemmoo” kan jedhu MSS p⁶⁶ keessaa hafeera. Akkasumas ጸ, B, C, W. L. W fi X keessa hafeera. Barreeffamni akkasii kun gaariidha jedhamee yaadama.

▣ **“ulfina argachuu”** Jechi kun yeroo 4 ykn 5 lakk. 31 keessatti, lakk. 32 keessatti ammo yeero lama ykn 3 itti dhimma bahameera. Kun akeeka Waaqayyoo karaa du’aa fi du’aa ka’uu Yesuus qabu agarsiisa (7:39; 12:16, 23; 17:1,5). Jireenya Yesuus keessattis waan mul’achuuf jirus ni agarsiisa. Mul’achuun isanaii waan itti amanameef akka waan dursaii mul’atanitti ibsamaniiru.

13:33 “yaa ijoollee koo” Yohaannis ofii isaatii akka jaarsaa ta’ee ijoolleen isaa ammo akka dubbisaa jajjabeessuuf barreessa (1Yoha. 2:1,12,28; 3:7,18; 4:5; 5:21). Asitti Yesuus isaaf abbaa isaa adda baasanii akka beekaniif kana jedha. Inni abbaa, obboleessa, oolchaa, fira, akkasumas Gooftaadhas.

▣ **“Ani yeroo muraasaafan isin wajjin tura”** Akkuman Yihudootaan jedhe” Yesuus jecha kan warra gaggeessitoota Yihudootaatiin ji’oota dheeraa dura jedheera (7:33): amma immoo bartoota isaatiin jedha (12:35; 14:9; 16:16-19). Yeroon isaa garuu baay’ee ifaa akka hin taane beekamaadha.

▣ **“iddoo ani deemu isin dhufuu hin dandeessan”** Gaggeesitoonni warra Yihudootaa gonkuma gara kana dhufuu hin danda’an (7:34,36; 8:21). Bartoonnis amma du’anitti isaa wajjin ta’uu hin danda’an.

13:34 “Ani akka wal jaallataniif abboommi haaraa isiniif nan kenna” Wal jaallachuun aboomii haaraa miti. Wanti haaraa ta’e garuu akkuma Yesuus isaan jaallate amantoonni akka wal jaallataniidha. (cf. 15:12,17; 1Yoh. 2:7-8; 3:11,16,23; 4:7-8, 10-12, 19-20; IIYoh. 5).

Macaafni Qulqulluun nama simatamudha, qaama dhugaa amanamaa, fi jireenya jiraatamu (cf. 14:15, 21,23; 15:10,12; 1Yoh. 5:3; IIYoh. 5, 6; Luq. 6:46). Qaama dhugaa ta’ee amanamuu qabu, akkasumas jireenya jiraatamuu qabudha. Wangeelli ni fudhatama, ni amanam, ittiis ni jiraatama. Jaalalaan itti jiraatama yoo kanaachii ittiin jiraachuun hin danda’amu.

Wanti namni Bruce Corley jedhe baay’ee nama gammachiisa. “Namoonni Yesuus jaalalaan beekamu; Ayyaanni namarra jirachuunsaa jaalalaan argama” jedhe (Gal. 5:6, 26; 6:2; Yaaq. 3:17-18; Yoh. 13:34-35; 1Yoh. 4:7).

13:35 “kanaan namoonni hundumtuu akka isin bartoota koo taatan in beeku” Jaalalli amala isa seexanni mo’achuu hin dandeenyeedha. Amantoonni jaalalaan beekamuutu irraa eegama (cf. 1Yoh. 2:9-11; 4:20-21).

▣ **“yoo”** kun HIMA KUTAA ALSIYAA’INA SADAFFAA hiika gocha humnadha. Gochii keenyaas kiristiyaanoota biroo wajjin walfakkaata walitti dhufeenyi keenyaas Yesuus wajiini (cf. 1Yoh. 2:9-11; 4:20-21).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 13:36-38

³⁶Yammuus Simoon Pheexiroos “eessa dhaquuf jetta yaa gooftaa?” jedheen; Yesuus immoo “iddoo ani amma dhaquudhaaf jedhu amma na duukaa dhufuu hin dandeessu booddee garuu na duukaa hin buuta” jedhee deebisee. ³⁷Kana irratti Pheexiroos, “Gooftaa, maalifan amma siduukaa bu’uu hin danda’u? anoo siif jedhee lubbuu koo kennuuf jira” jedheen. ³⁸Yesuus immoo deebisee “Maal akkas anaaf jettee lubbuu kee kennita? Dhuguma, dhuguman sitti hima, idaanqoon utuu hin iyyin si’a sadii naganta” jedhe.

13:36 “Simoon Pheexiroos akkas jedheen” Gaaffiiwwan tartiibaan bartootarra Yesuusiif dhiyaatan keessa ainni kun isa jalqabaati (lakk. 31-35). Bartoonni kun gaaffiiwwan kana gaafachuun isaanii fi Yohaannis isaa baay’ee nama gammachiisa.

13:37 “Ani lubbuu koo dabarsee siif jedhee kennuuf jira” Pheexiroostu kana jedha. Garuu jechi kun namni hammam dadhabaa fi kan jecha isaa hin eegne ta’uu fi Gooftaan ammo hangam jabaa fi kennuudhaan jecha isa akan eegu ta’uu agarsiisa.

13:38 “Dhuguma dhuguma” Barreeffama 1:51 ilaali.

▣ **“indaaqoon otuu hin iyyiin si’a sadii naganta”** Kun indaanqoo warra Roomaa ta’uu qaba. Yihudoonni magaalaa keessatti bineensoonni adda adda akka jiraatan hin fedhan. Sababiinsaas lafichi lafa qulqullaa’adha jedhanii waan amananiif. Namoonni Sooreyyiin biyya sana xaa’oo boroo isaaniitiif ta’u magaalattii keessaa bakkeetti ba’anii qopheeffatu. Gaardeeniin Getasimaanee isaan keessa isa tokkodha. Yesuus warra isatti amanan jajjabeessuuf raajii itti dubbata. Yeroo tokko tokko beekumsa isaatiin wanta fuula duratti ta’u isaanitti mul’isa (cf. 18:17-18, 25-27; Maat. 26:31-35; Maarq. 14:27-31, Luq. 22:31-34).

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti gooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yohaannis maaliif adeemsa duraa duuba waa’ee irbaata gooftaa galmeessuu dhiise?
2. Yesuus malaiif miila bartoota isaa dhiqe? Nuti miila walii walii keenyaa dhiquun nu barbaachisaa?
3. Yesuus Yihudaan bartuu isaa akka ta’u maaliif filate?
4. Namni tokko dhugumaan amanaa ta’uusaa akkamiin beeka?

YOHAANNIS 14

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yesuus karaa gara abbaatti geessuu ta'uu isaa	Karaa, dhugaa fi jireenya	Hariiroo amantoonni Kiristoos isa ulfina qabeessaa wajjin qaban	Yesuus karaa gara abbaatti geessuu ta'uu isaa	Dubbii nagaa namatit dhaamuu agarsiisan
14:1-14	14:1-6	14:1-7	14:1-4	14:1-4
	Abbaa in beektu		14:5	14:5-7
	14:7-11		14:6-7	
		14:8-14	14:8	14:8-21
	Kadhannaa deebii argatee		14:9-14	
	14:12-14			
Hafuura Qulqulluu abdachiisuu isaa	Yesuus gargaaraa biraa abdachiisuu isaa		Hafuura Quqlulluu abdachiisuu isaa	
14:15-24	14:15-18	14:15-17	14:15-17	
	Abbaa fi ilmi wal keessa akkasumas nu keessa jiraachuu isaanii	14:18-24	14:18-20	
	14:19-24		14:21	
			14:22	14:22-31
	Kennaa nagaa isaa		14:23-24	
14:25-31	14:25-31	14:25-31	14:25-26	
			14:27-31a	
			14:31b	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

YOHAANNIS 14F YAADA BU'UURA TA'U

- A. Yohaannis 13 hanga itti barreeffama yaada tokko qabu waan ta'eef gargarhiruun hin barbaachisu. Dudubbii halkan gaafa irbaata gooftaa kutaa gara olii dubbate bartoonni akka gaaffii baay'ee qabaatan gochuun isaa beekamaadha. Yaadni kunis gaaffii ergamoonni dubbii Yesuus hubachuu dadhabuudhaan kaasaa irratti kan hundaa'edha.
1. Phexiroos (13:36)
 2. Toomaas (14:5)
 3. Filiiphoos (14:8)
 4. Yihudaa (is asgortuu miti) (14:22)
 5. Bortootasaa tokko tokko (16:17-19)
- Dhugaa dubbachuufaaf Yohaannis gaaffii fi deebiitti akka dhimma ba'u yaadadhu!
- B. Gaaffiiwwan kun amma iyyuu amantoota ni gargaaru
1. Ergamoonni warri qaamaan Yesuusii wajjin turan iyyuu yeroo hunda akka isa hubachaa hin turre agarsiisu.
 2. Jechoonni dinqisiisoo fi gurguddoon Yesuus tokko tokko gaaffiiwwan hubannaa dhabuudhaan gaafataman kanaaf deebii kennuudhaaf dubbataman.
- C. Boqonnaan 14 dubbii Yesuus waa'ee "gargaaraa" isa dhufuuf jiruu dubbate jalqaba.
1. Yesuus kutaa gara olii kana keessatti waa'ee Hafuura Quqlulluu dubbachuun isaa kallattiidhaan soodaa bartoonni isaa deemuu isaatiin walqabatee sodaatanii wajjin walqabata (cf. 13:33,36). Kitaabni Mikaa'el Majil, "New Testament Transline" jedhamu (fula 355) deebiwwan Yesuus soda kanaaf kenne irratti hubannaa gaarii qaba.
 - a. "Gaaf tokko iddoo ani dhaqaa jirutti anaa wajjin taatu" hidha 1-11
 - b. "Yoo ani deeme isiniif wayya" hidha. 12-17
 - c. "ani iddoo isin jirtan dhufee isnitti of nan mul'isa" hidha 18-26
 - d. "ani amma nagaa koo isiniif nan dhiisa" hidha 27-31
 2. Dubbiin waa'ee tajaajila hafuura qulqulluu kun hamman bal'ina hin qabu. Kallattiin tajaajila isaa murteessoon gutummaan guutuutti kutaa kana keessatti hin ibsamne baay'eedha.
 3. Hojii Hafuura Qulqulluu akka:
 - a. Dhugaa mul'isuu fi
 - b. Jajjabeessaatti cimsee mul'isa.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 14:1-7

1Yesuus itti fufee bartoota isaatiin "Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyootti amanaa, anattis amanaa!"
2Mana abbaa kootii keessa iddoo jireenyaa baay'etu jira: utuu inni hin jiru ta'e, isnitti nan himan ture: iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema. 3Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessuus, iddoodhuma ani jiru isiniis akka jiraataniif, deebi'ee dhufetan gara ofii kootiitti isin fudhadha. 4Lafa ani dhaqu karaa achi geessus ni beektu" jedhe. Toomaas immoo, "yaa gooftaa eessa aka ati dhqxu in beeknu, karicha immoo akkamitti beekuu dandeenya? Jedheen. 6Yesuus deebisee "karichi dhugaan, jireenyis, ana; amaan yoo ta'e malee eenyu illee gara abbaa hin dhufu. 7Ana beektanii utuu jirtanii, abbaa koos ni beektu turtan; ammaa jalqabdaniis isa ni beektu isa argitaniittus jedheen.

14:1 “hin raafamin” kun ennaa gocha siluma iyyuu jalqabee jiru dhabuu agarsiisudha. “Garaan keessan hin raafamin” Yesuus waa’ee soda guddaa deemuun isaa fidee dubbate.

▣ **“Garaan keessan”** Yesuus warra kudha tokkon hundumatti dubbate (dubbii baay’ina agarsiisu). Akka jecha warra Ibrootaatti “garaa (laphee)” jechuun guutummaa qaama namaa agarsiisu: yaadu, fedha, fi miira (cf, Ba’u 6:5, Mat. 22:37). Mata duree addaa 12:40 irra jiru ilaali.

▣ **“Waaqayyooti amanaa, anattis amanaa”** Amanuun gocha irra deddeebii qabuu fi yeroo hunda raawwaatamudha. Seer-lugni madaalawaan lakkoofsi kun ittiin barreeffame Yesuus Waaqayyoo wajjin walqixa caqafamuu isaa agarsiisa. Warri kun Yihudoota warra Waaqayyoo tokkicha amantii jedhuun qabamanii (Keessa deebi 6:4-6), garuu yaada dubbii Yesuus hubatan ta’uu isaaniis yaadachuun barbaachisaadha (Mata duree Addaa: Sadan tokkummaa jedhu 14:26 irraa ilaali). Uumaatti (supreme being) amanuu jechuunii fi Kiristiyaana jechuun garaa garummaa guddaa qaba. Gaaleen kun barsiisa amantii irratti utuu hin ta’in namummaa Yesuus Kiristoos kan xiyyeeffatedha.

14:2 “Mana abbaa koo keessa” Kakuu Moofaakeessatti “Mana” jechuun mana qulqullummaa agarsiisa (cf. IISam 7). Garuu akka galumsa kanaatti maatii Waaqayyoo Waaqa keessa isaa wajjin mana qulqullummaa isaa keessa jiraatan agarsiisuu isaa beekamaadha (cf. Far. 23:6; 27:4-6).

▣
NASB,NRSV **“iddoo jireenyaa”**
NKJV **“Masaraa”**
TEV **“kutaawwan”**
NJB **“iddoo baay’ee”**

Hiikaan NKJV “masaraa” jedhu ifa miti. Akka jecha Giriikiitti “iddoo jireenyaa dhaabataa” (cf. 14:23) agarsiisa, kunis yaa irraa hafaa jedhu of keessaa hin qabu. Fakkeenyi kun amantoonni kutaa mataa mataatti mana abbaa keessaa akka qabaatan agarsiisa (cf. TEV, NJB), kunis mana namoonni buufatanii yeroo hundumaa walii wajjin nyaatan fakkaata.

Akkasumas kun hidda jecha Giriikii “wal danda’anii waliin jiraachuu” jedhu irraa dhufuu isaa hubachuun gaarii ta’a, kunis wangeela Yohaannis keessatti (cf. Boq. 15) yaada ijoodha. Abbaa keessa jiraachuun keenya ilma keessa jiraachuu keenyaa mirkanaa’a.

▣ **“utuu”** kun yaada dhugaa hin taane agarsiisa. Mana/kutaa baay’eetu jira. Gaaleen kana hiikuun rakkisaadha.

NASB,REB,NIV **“utuu akkas ta’uu baatee isinittan himan ture”**
NKJV **“utuu akkas ta’uu baatee isinittan himan ture”**
TEV **“utuu akkas ta’uu baatee ani kana isinitti hin himun ture”**
NJB,NET **“utuu ta’uu baatee isinittan himan ture”**
Hiika Yang **“ta’uu baatee isinittan himan ture”**
Hiikaa Berkile isa haaraa **“utuu akka ta’uu baatee isinittan himan ture”**
Hiikaa Wiiliyaams **“utuu hin jiru ta’ee isinittan himan ture”**

▣ **“iddoo jiru sana isiniif qopheessudhaaf nan adeema”** kun mootummaa Waaqayyoo akka waan harkaan qaqabatamuutti dhi’eessuu utuu hin ta’in, akkasumas akka waan kanaan dura hin qophoofneetti dhi’eessuu utuu hin ta’in, jireenyi, barsiisii fi du’uun Yesuus namni cubbamaan akka Waaqayyoo isa qulqulluutti dhi’aatuu fi wajjin jiraatu gochuu isaa agarsiisa. Yesuus akka gaggeessaa fi isa karaa baasuutti amantoota fuula dura adeema (cf. Ibr. 6:20).

14:3 “yommuun” kun hojii raawwachuuf jiru agarsiisa. Yesuus akka dafee gara abbaatti deebi’uu (7:33; 16:5,10,17,28) fi akka iddoo isaaniif qopheessuuf jiru isaanitti hime.

Kitaabni Wangeela Yohaannis irratti Newwanii fi Widiirni qophaa’e kan **“Help for Translatory”** jedhamu akka jedhutti ciroon kun akka “ergan deemee booddee” yookiin “yommuun deemu” yookiin “waan deemuuf”ti hubatamuu qaba (ful. 456).

▣ **“deebi’ee dhfeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha”** kun deebi’ee dhufuu isaa yookiin immoo du’a namootaa agarsiisa (cf. IIQor. 5:8; ITas. 4:13-18). Tokkummaan fuulaa fuulatti Yesuus wajjin ture kun tokkummaa abbaa fi Yesuus calaqqisiisa (cf. 1:1c). Kiristiyaanonni hariiroo Yesuusii fi Abbaa gidduu jiru keessatti qooda fudhachuuf jiru (14:23;17:1ff).

Xumurri fudhadha (*paralambanō*) kun “nama simachuu” agarsiisa. Mootummaan Waaqayyoo tokkummaa namni Waaqayyoo wajjin qabudha. Kan 1:12 irra addadha. (*lambanō*). Walfakkeenya jechoota kana gidduu jiru sirriitti kaa’uun ulfaataadha, yeroo baay’ee hiikaa wal fakkaataa qabu.

▣ **“iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraataniif”** Mootummaan Waaqayyoo (Waaqni) iddoo Yesuus jirudha (cf. 17:24)! Mootummaan Waaqayyoo dhugaatti tokkummaa fuulaa-fuulaa Waaqayyoo isa dhugaa wajjin gabaachuudha! Kakuu Haaraan yeroo itti tokkummaan kun guutummaan guutuutti raawwatu ifa hin godhu.

1. Yeroo du’an, 2Qor. 5:8

2. Yeroo lammaffaa dhufuu Yesuus ITas. 4:13-18

Haala nama ajaa’ibsiisuun Macaafni Quqlulluun waa’ee jireenya booddee hin dubbatu. Kitaabni gabaabaatti if agodhee ibsu Kitaaba Wiliyaam Hendirixsen “The Bible on the Life Here after” jedhamudha.

MATA DUREE ADDAA: WARRI DU’AN EESSA JIRU?

I. Kakuu Moofaa

A. Namni hundumtuu si’ool deema (qorannoon madda jecha kanaa ifa miti, BDB 1066). Kunis karaa ittiin du’a yookiis boolla awwaalaa agarsiisanidha, baay’inaan barreeffamoota ogummaa fi Macaafa Isaayyaas raajichaa keessatti. Kakuu Moofaa keessatti kun iddoo dukkana, of beekanii garuu, gammachuu malee (cf. Iyyoob 10:21-22; 38:17; Far. 107:10,14) jiraataniiti.

B. Akka itti si’ool ibsamu

1. Firdii Waaqayyoon wal qabatee (abidal, ba’u 32:22)

2. Adaba guyyaa firdii dura iyyuu jiruun wal qabata Far. 18:4-5

3. *Abaddon* (badiisa) iddoo Waaqayyoo iyyuu qaqqabu; Iyyoob 26:6; Far. 139:8; Amos 9:2

4. Boolla guddaa (awwaala) agarsiisu, Far. 16:10; Isa 14:15; Hisq. 31:15-17

5. Jal’oonni jiraatti si’oolitti darbatamu. Lakk 16:30; Far. 55:15

6. Yeroo baay’ee akka bineensa afaan guddaa qabuutti fakkeeffama, Lakk. 16:30; Isa. 4:14; 14:9; Ibr. 2:5

7. Namoota achi keessaa *Repha’im* jedhaman, (Isa 149-11)

II. Kakuu Haaraa

A. Jechi Ibraa’isxii “*sheol*” afaan Giriikiitti “Hades (addunyaa hin argamne) jedhamee hiikama.

B. Akka *Hades* itti ibsamu

1. Du’a agarsiisa, Mat. 16:18

2. Du’aan wal qabata, Mul. 1:18; 6:8; 20:13-14

3. Yeroo baay’ee iddoo adabbii bara baraa agarsiisa (*Gehenna*), Mat. 11:23 (waraabbii Kakuu Haaraa Luq. 10:15; 16:23-24)

4. Yeroo baay’ee bawwaa gadi fagoo agarsiisa, Luq. 16:23

C. Hirama qabaachuu danda’a (barsiisota amantii)

1. Iddoo qajeelotaa jennata jedhamu (maqaa biraa mana Waaqarraa agarsiisu, cf. IIQor. 12:4; Mul. 2:7; Luq. 23:43).

2. Iddoo jal’oota *Tartarus* jedhamu, IIPhex. 2:4, iddoo itti ergamoonni hamoon hidhaman (cf. Uma. 6; I Enoch)

D. *Gehenna*

1. Jecha Kakuu Moofaa “Bowwaa ilmaan Ben-Hiinom” jedhu calaqqisiisa (kibba Yerusaalem). Kunis iddoo warri foonenshiyaanootaa Waaqa tolfamaa isaanii, *Moleh* (BDB 574), jedhamu aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan itti Waaqeessan ture (cf. II Moot 16:3; 21:6; IIAboota firdii 28:3; 33:6), kunis isa Lew 18:21; 20:2-5 keessatti dhowame ture.

2. Ermiyaas iddicha iddoo warra ormoota Waaqa tolfamaa Waaqeffatanii irraa gara iddoo Firdii Waaqayyootti keessatti iddoo sodaatamaa fi firdii bara baraa ta’e.

3. Yihudoonni bara Yesuus hirmaannaa abboonni isaanii aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan Waaqa

tolfamaa Waaqeffachuu keessatti gochaa turaniin wana baay'ee haaraniif nananoo kana iddoo gataa kosii Yerusaaletti jijjiirani turan. Fakkeenyonni Yesuus baay'een adaba bara baraa agarsiisan qabiyyee iddoo kanaa irraa kan dhufanidha (abidda, haara, raammoo, cf. Marq. 9:44,46). Jecha Gehenna jedhu Yesuus duwwaatu dhimma itti ba'e (Yaa'iqoob 3:6 irraan kan hafe)

4. Itti fayyadama Yesuus jecha *Gehenna* jedhuuf
 - a. Abidda, Mat. 5:2; 18:9; Marq. 9:43
 - b. Kun bara baraa, Marq. 9:48 (Mat. 25:46)
 - c. Iddoo badiisaa (poonio fi lubbuudhaan), Mat. 10:28
 - d. Si'oolii wajjin walfakkeffama, Mat. 5:29-30; 18:9
 - e. Jal'oota "Ilma qiliilee" jedhe ibsa, Mat. 23:15
 - f. Murtoo seeraatiin adabbii muramu, Mat. 23:33; Luq. 12:5
 - g. Yaadni Gehenna jedhu du'a lammaffaa (cf. Mul. 2:11; 20:6, 14) yookiis galaana abiddaa 9cf. Mat. 13:42, 50; Mul. 19:20, 10, 14-15; 21:8). Galaanni abiddaa iddoo namoonni bara baraan jiraatan (si'ol irraa ka'uudhaan) fi ergamoonni hamoon jiraatan ta'uu danda'a (Tartarus irraa ka'uudhaan, II Phex. 2:4; Jude, hidha 6 ykn abyss, cf. Luq. 8:31; Mul. 9:11; 20;1,3).
 - h. Namootaaf utuu hin ta'in seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa'e ture, Mat. 25:41
- E. Jechoonni si'ool, Hades fi Gehenna jedhaman wal fakkeenya isaan qaban irraa ka'uudhaan jalqaba namoonni hundumtuu gara si'ool/Hades deeman
 1. Jalqaba namoonni hundumtuu gara *si'ool/Hades* deeman.
 2. Turtiin isaan achitti qabaatan (gaarii/hamaa) guyyaa firdii booddee hammata, garuu iddoo jal'ootaa iddoo wal fakkaataa kana turu (kana irraa ka'uudhaan KJV'n hades (qiliilee) akka *gahennatti* (bowwaa) hiika.
 3. Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni dhiphina guyyaa firdii dura ta'uu agarsiisu seexanaa Luq. 16:19-31 keessa jiru duwwaadha (Alaazaarii fi namicha soossa sana). *Si'ool* akka iddoo adabbii har'aattis ibsameera (cf. Keessa Deebii 32:22; Far. 18:1-5). Garuu, seenaa kana irratti hundaa'uudhaan barsiisa amantii lafa kaa'uun hin danda'amu.

III. Turtii du'aa fi ol butamuugidduu jiru

- A. Kakuu haaraan "lubbuun akka hin duune" hin barsiisu, kun ilaalcha baay'ee waa'ee jireenya booddee irratti dur turan keessaa tokko ture.
 1. Lubbuun namaa foon isaa dura jira
 2. Lubbuun namaa du'a foonii duraa fi baadu bara baraan jiraata.
 3. Yeroo baay'ee foonii akka mana hidhaatti du'is akka wanta gara dhaala dura tureetti deebisuutti ilaalama.
- B. Akka Kakuu Haaraatti hubannaa waa'eedu'aa fi du'aa ka'uugidduutti qaama foonii keessaa ba'uun wal qabate jiru
 1. Yesuus waa'ee adda ba'uu foonii fi lubbuu dubbata. Mat. 10:28
 2. Abarahaam amma qaama qabaachuu danda'a, Maq. 12:26-27; Luq. 16:23
 3. yeroo bifti Yesuus geddarama sanatti Muusee fi Dliyaas qaama qabu turan, Mat. 17
 4. Phaawuloos yeroo dhufaattii Goofaatti lubbuun Kiristoosiin qabdu jalqaba qaama haaraa akka uffattu dubbata, IQor. 15:23, 52
 5. Phaawuloos yeroo du'aa ka'uutti amantoonni akka qaama hafuura haaraa argatan ifa godha. IQor. 15:23, 52
 6. Phaawuloos akka dubbatutti amantoonni gara Hades (si'ool) deemu utuu hin ta'in yeero du'an Yesuusii wajjin ta'u, IIQor. 5:6, 8; Fi. 1:23. Yesuus du'a mo'eera qajeelotas ofii isaa wajjin gara Waaqaatti ol fudhata, IPhex. 3:18-22

IV. Waaqa (samii)

- A. jechi kun Macaafa Quqlulluu keessatti karaa sadii ilaalama
 1. Duumessa lafaa ol jiru, Uma. 1:1, 8; Isa. 42:5; 45:18
 2. Waaqa urjii guute, Uma. 1:14; Keessa Deebii 10:14; Far. 148:4; Ibr. 4:14; 7:26

3. Iddoo teessoo Waaqayyoo, keessa Deebii 10;14; 1Mot. 8:27; Far. 148:4; Efe. 4:10; Ibr. 9:24 (Waaqa sadaffaa, IIQor. 12:2).

B. Macaafni Quqlulluun waa'ee jireenya booddee baay'ee hin ibsu, kunis waan anamni cubamaan karaa fi dandeettii itti hubatu hin qabneef ta'uu danda'a (cf. 1Qor. 2:9).

C. Waaqni iddoodha (cf. Yoh. 14:2-3) akkasumas qaama eenyummaa qabudha (2Qor. 5:6, 8). Waaqni Jeneta haareffamte ta'uu danda'a (Uma. 1:2; Mul. 21-22). Lafti qullooftee haareffamuuf jirti (cf. HoE. 3:21; Rom. 8:21; IIPhex. 3:10). Fakkeenyi Waaqayyoo Kiristoosiin haareffama (Uma. 1:26-27). Amma deebi'anii jennata edenii wajjin tokkummaa qabaachuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, kun dhugaa utuu hin ta'in fakkeenya ta'uu danda'a (Waaqa akka magaalaa guddoo tokkootti, Mu. 21:9-27). 1Qor. 15 keessatti garaa garummaan qaama foonii fi qaama hafuura akka ija biqiltuu bilchaatetti ibsama. Ammas 1Qor. 2:9 (waraabbii Isa. 64:4 fi 65:17 irraa fudhatame) abdi kakuu guddaadha! Yeroo isa agarru akka isaa taanu nan beeka (cf. 1Yoh. 3:2).

V. Maddoota barbaachisoo

A. William Hendriksen, "The Bible on the Life hereafter"

B. Maurice Rawlings, "Beyond Deutu's Door"

14:4 "karicha achi geessus ni beektu" Dubbiin Yesuus Toomaas akka shakkii karicha beekuu irratti qabu akka ibsu tasise. Deebiin Yesuus jechoota yeroo baay'ee Kakuu Moofaa keessatti argaman sadiin ibsame.

14:16 "Karicha... ana" Kakuu Moofaa keessatti, amantiin Macaafa Quqlulluu irratti hudnaa'e akka karaa jireenyaatti ibsame (cf. Keessa Deebii 5:32-33; 31:29; Far. 27;11; Isa. 35:8). Muudamni (Mogaasni) waldaa durii "karicha" ture (cf. HoE 9:2; 19:9, 23; 24:14, 22). Yesuus karaan gara abbaatti geessu inni turee fi inni jiraatu isa duwwaa akka ta'ee cimsee dubbataa ture. Akka barsiisa amantiitti (theological essence) kun qabiyyee guddaa wangeela Yohaannisi! Amantii dhuunfaatiif jireenya ofii keessatti hojii gaari hojjechuun ragaadha (cf. Efe. 2:8-9, 10), garuu karaa ittiin qajeelummaa argatan miti. Ibsa 8:12 irra jiru ilaali.

▣ **"dhugaa"** Falaasama warra Giriikii keessatti jechi "dhugaa" jedhu karaa biraa "dhugaa" fi "soba" ykn "goyyoomsaa" fi "haqa" wal madaalchisuu ilaaluus agarsiisa. Garuu, warri kun bartoota afaan Aramaayikii dubbatan warra dubbii Yesuus akka yaada Kakuu Moofaa isa "amanamummaa" agarsiisuutti hubachuu danda'an turan (cf. Far. 26: 3; 86:11; 119:30). "dhugaa" fi "jifeenyi" lamaan isaanii iyyuu "karicha" ibsu. Yeroo baay'ee jechi "dhugaa" jedhu wangeela Yohaannis keessatti hojii humna Waaqummaa agarsiisa (cf. 1:14; 4:23-24; 8:32; 14:17; 15:26; 16:13; 17:17, 19). Mata duree addaa waa'ee dhugaa dubbatu 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

▣ **"jireenyis"** "jireenyi" kun zoaaaa isa Yohaannis jireenya bara baraa ibsuufitti dhimma ba'edha. Kakuu Moofaa keessatti jireenyi amantootaa akka karaa gara jireenyaatti geessuutti dubbatama (cf. Far. 16;11; Fakke. 6:23; 10;17). Jechoonni kun sadanuu waa'ee jireenya ofiitiin amantii qabaachuu isa dhuunfaa ofiitti Yesuus Kiristoosii wajjin hariiroo qabaachuudhaan duwwaa argamuun walqabatu.

▣ **"anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu"** Dubbii akkam nama naasisudha! Kun baay'ee daangaa kan agarsiisuudha garuu karaa hariiroo dhuunfaatti isaa wajjin qabaniin duwwaa abbaa beekuun akka danda'amu amanuun Yesuus beekamaadha (cf. 1Yoh. 5:10-12). Kun yeroo baay'ee bu'uura kiristiyaanummaa daangaa agarsiisu isa falmii kaasu jedhama. As keessatti karaa gidduu-kaa'aan hin jiru. Yookaan jecha kanatu dhugaadha yookiis immoo kiristiyaanummaatu soba jechuudha! Karaa baay'eedhaan kan Yoh. 10 wajjin wal fakkaata.

14:7 "utuu" Kun akka kanatti hiikamuu danda'a, "duraan dursitanii utuu ana beektaniitu ta'ee, abbaa isa beekaa jettan ni beektu turtan"

Himni kun waan "dhugaa hin taane" agarsiisa. Kunis "utuu na beektu ta'ee, garuu na hin beektan, Abbaa koo ni beektu ture, garuu hin beektan" jedhamee hiikamuu danda'a. Kun fayyina Yesuus Kiristoos Masihidha Waaqayyootiin argamuun kan deggaramudha. Dhugaan haaraa fi adda ba'e kana qabachuun isaanitti ulfaachuun isaa waan hin oolle ture. Wangeelli Yohaannis sadarkaa amantii waan dubbatu fakkaata. Caasaan hima Lakk. 2 fi 28 irra jiruu kanaan akka walfakkaatu hubachuun gaariidha.

▣ **“ana beektanii utuu jiraattanii”** Yesuus irra deebi'uudhaan gartuu ergamootaa hundumaatti dubbachuu isaati (cf. Lakk. 9). Jechi “beekuu” jedhu Kakuu Moofaa keessatti lafatti beekuu duwwaa utuu hin ta'in hariiroo dhuunfaa cimaa ta'e agarsiisa (cf. Uma. 4:1; Erm. 1:5).

▣ **“abbaa koos ni beektu turtan”** Yesuus arguun Waaqayyoon arguudha (cf. Yoh. 1:14-18; 5:24; 12:44-54; IIQor. 4:4; Qol. 1:15; Ibr. 1:3)! Yesuus dhugaatti bifa ittiin Waaqayyo inni hin mul'anne namatti mul'atudha. Namni Yesuusiin tuffatu kam iyyuu Waaqayyoon beeka jechuu hin danda'u 9cf. IYoh. 5:9-12).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 14:8-14

⁸Filiphos immoo, “yaa gooftaa abbaa nu agarsiisi, kanaa achi nu ga'a” ittiin jedhe. ⁹Yesuus deebisee, “utuma ani yeroo dheeraa hamma ga'u isinii wajjin jiraadhuu iyyuu ana hin beeknee, Filiphos? Namni ana arge abbaa arge; attamitti 'abbaa nu agarsiisi' jetta ree? ¹¹Ani abbaa keessa Abbaanis ana keessa akka jiru hin amantuuree? Abbaa isa ana keessa jiraatutu hojii isaa hojjeta malee, dubbii ani isnitti dubbadhu hundumaa ofuma kootiihin dubbadhu. ¹⁰“Ani Abbaa keessa, Abbaanis ana keessa akka jiru na amanaa! Yookiis sababii hojjichuma kana hundumaaf ana amanaa! ¹²Dhuguma dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu wanta ani hojjedhu hundumaas ni hojjeta; ani gara abbaa waanan isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha. ¹⁴Waamuma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhatan, ani nan raawwadha” jedheen.

14:8 “Filiphos immoo” Filiphos (1) akka Musee, isaayyaas, ykn Hisqeel mul'ata Waaqayyoo (“Theophany”) arguu barbaade yookiis (2) guutummaa guutuutti dubbii Yesuus hin hubanne. Yesuus immoo filiphos yommuu isa argee fi isa beeka abbaa akka argee fi beeke jala muree deebiseef (cf. Qol. 1:15; Ibr. 1:3)!

▣

NASB	“Nu ga'a”
NKJV	“Nuuf ga'aadha”
NRSV	“Nu'i quufuuf jirra”
TEV	“Hammi kun nu ga'a”
NJB	“Kana booddee quufuuf jira”

Ergamoonni kun akkuma Farsiisotaa mallattoo barbaadan. Garuu, amantoonni dhimmoota hafuura keessatti waan argamu irratti hirkatanii utuu hin ta'in amantiichaan jiraachuu qabu (cf. II qor. 4:18; 5:7). dhimmichi amanuudha!

14:9 “utuma ani yeroo dheeraa hammana ga'u isinii wajjin jiraadhuu” Kun enna isa argaa akka turanii fi kana booddees isa arguuf akka jiran agarsiisuudha. Yesuus Guutummaa guutuutti Waaqayyoon mul'isa (cf. Qol. 1:15; Ibr. 1:3).

14:10 Afaan Giriikaatti gaaffiin Yesuus deebii “eeyyee” jedhu kan eegudha. Mata Duree Addaa: Yohaannis Barreeffamoota keessatti “keessa jiraachuu” jedhu IYoh. 2:10 irraa ilaali.

▣ **“dubbii ani isinitti dubbadhu hundumaa ofuma kootiin hin dubbadhu”** Waan hundumaa irratti Yesuus iddoo Abbaa bu'ee hojjechaa ture (cf. Lakk. 24; 5:19, 30; 7:16-18; 8:28 10:38; 12:49). Barsiisni Yesuus hundumtuu sagalee Abbaati (cf. Lakk. 24).

▣ **“Abbaa isa ana keessa jirutu hojii isaa hojjeta”** Tokkummaan Abbaa fi ilma gidduu jiru (7:6; 8:28; 10:38), inn kadhannaa Yesuus akka angafa lubaatti boqonnaa 17 keessatti kadhata keessatti sirriitti calaqqisiifame, boqonnaa 15 keessatti amantoonni Kiristoos keessa jiraachuu isaaniitiif bu'uura ta'a. Wangeelli Yohaanni fayyina akka (1) barsiisa/hundee amantiitti; (2) tokkummaatti; (3) abboomamuutti; fi (4) citanii itti hafuutti ibsa.

14:11 “ana amanaa” Barreeffamoonni garaa garaa gaalee baniinsa lakkoofsa kanaa adda addummaa barbaachisummaa tokko tokko qabaniin ibsu.

Barreeffamoonni Giriikii durii (p66, p75, ⌵, D, L fi W) xumura “amanaa” jedhu kanisaan dhugaa waa'ee Ysuus fudhachuu akka isaan qabaniin fi tokkummaa inni Abbaa wajjin qabus fudhachuu akka isaan qaban

agarsiisuutti dhimma ba'u. Barreeffamoonni duriikan birooonii fi (MSS fi B) jecha “anatti” jedhu itti dabaluuudhaan kan itti amanamu eenyu akka ta'e agarsiisu. Beektonni Giriikii tokkummaa hawaasa Macaafa Qulqulluu akka amananiitti filannoo inni jalqabaa isa jalqabatti tureedha (cf. Bruce M. Metzger's “A Textual commentary on the Greek New Testament”, kun yaada kanaaf sadarkaa “B” kenna (dhugaa/sirrii jedhamuu danda'a/, ful 244). Hiikaawwan haaraan baay'een isa “anatti” jedhu of keessaa qabu (kunis eenyutti akka amanamu agarsiisu.

▣ **“yookiis sababii hojichuma kana hundumaaf ana amanaa!”** Yesu akka hojii isatti amanani isaanitti hime (cf. Yoh. 5:36; 10:26, 38). Hojiiwwan inni hojjete raajii Kakuu Moofaa raawwataniiru. Hojiiwwan isaa eenyummaa isaa agarsiisu! Ergamoonni akkuma hunda keenyaa amantiitti guddachuu qabu ture.

14:12 “dhuguma dhuguma” Ibsa 1:51 irra jiru ilaali.

▣ **“namni anatti amanu... in hojjeta”** Amanuun hojii sammu duwwaa utuu hin ta'in jecha hojii irrattihundaa'udha. Gaaleen “kana irra kan caalu iyyuu ni hojjeta” jedhu “Waan guddaa hojjechuuf jira” jedhamee hiikamuu qaba. Kunis wanti inni agarsiisuu danda'u.

1. Bal'ina lafaa (cf. Mat. 28:18-20)
2. Ergama Ormootaa
3. Hafuurichi amantoota hundumaa wajjin ta'uu isaa
4. Kadhannaa Yesuus nuuf kadhatu (cf. Ibr. 7:25; 9:24).

Mata Duree Addaa: Kadhannaa hin dagafamne, garuu Yoh. 3:22, B. 2 irratti daangeffamee jedhu ilaali.

Gaaleen dhuma “ini hojjeta” jedhe kiristiyaanummaa Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'eef murteessaadha. Akkuma abbaan ilma erge, ilmis ergamoota isaa erge! “Kiristoosiin qabaachuu” dhaan “jireenya bara baraa” qabaachuun laphee fi sammu “Ergama isa guddaadhaaf” hirmaannaa hoo'aa qabu jechuudha. Kiristiyaannummaan barmaatii yookiis waan guyyaa murtaa'eef duwwaa gadi fuudhamu miti. Kallattii jireenyaa haaraa, akkasumas ilaalcha haaraa ittiin biyya lafaa ilaalanidha! Fedha ofiitiin guyyaa guyyaatti mootummaa Waaqayyoo kaayyeffatanii tarkaanfii jireenyaa aarsaa ta'e qabaachuudha.

Wanti waldaan kiristiyaanaa irra deebitee qabaachuu qabdu.

1. Tajaajila tokko tokkoo amantootaa
2. Adda durummaa ergama isa guddaa
3. Guyyaa guyyaatti tajaajila ofittummaa hin qabnee fi fedha irratti hundaa'e
4. Amma Kiristosiin fakkaachuu!

14:13-14 “waanuma isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha” Yesuus eenyummaa oofii irratti harkatee kadhannaa keenyaaf deebii akka kennu dubbachuusaa hubachuun gaariidha. HoE 7:59 keessatti Isxifaanoos Yesuusiin kadhate. IIQor. 12:8 keessatti Phaawuloos Yesuusin kadhate. 15:16 fi 16:23 keessatti amantoonni abbaa akka kadhatan dubbata. Maqaa Yesuusiin kadhachuun dhuma kadhannaa keenyaa irratti akka foormulaa hoodaa maqaa Yesuus itti dabaluu utuu hin ta'in, akka fedhaa fi amala Yesuusitti kadhachuu jechuudha.

Kun barbaachisummaa utuu taatota Macaafa Qulqulluu ragaa godhatanii dubbii seera amanti hin dubbatin dura barreeffamoota garaa garaa qo'achuutiif fakkeenya tokkodha “gaaffiin nuti gaafannu kamiyyuu” kan inni madaalamuu qabu.

1. “Maqaa kootiin” (Yoh. 14:13-14; 15:7, 16; 16:23)
2. “Kadhadhaa” (Mat. 7:7-8; Luq. 11:5-13; 18:1-8)
3. “Namoonni lama...walii galanii” (Mat. 18:19)
4. “Amantonii” (Mat. 21:22)
5. “utuu hin mamin” (Marq. 11:22-24; Yaaq. 1:6-7)
6. “Ofittummaa malee” (Yaaq. 4:2-3)
7. “Abboommii isaa eegaa” (Iyoh. 3:22)
8. “Akkafedha Waaqayyooti” (Mat. 6:10; 1Yoh. 5:14-15)

Maqaan Yesuus amala isaa bakka bu'a. Kun karaa biraa ittiin yaadnii fi lapheen Yesuus agarsiifamudha. Gaaleen kun yeroo baay'ee wangeela Yohaannis keessatti ni argama (cf. 14:13-14, 26; 15:16; 16:23-26). Hamuma namni Yesuusiin fakkaate, kadhannaan namaa deebii argata. Wanti hamaan karaa hafuura Waaqayyoo

amantoota baay'ee irratti hojjetu yoo jiraate kadhannaa isaanii ofitummaa fi waan mul'atu irratti hundaa'eef deebii kennuufidha. Mata Duree Addaa 1Yoh. 3:22 ilaali.

MATA DUREE ADDAA: KADHANNAA IJA QABU

A.

1. Hariiroo dhuunfaa namni sadan tokkummaa wajjin qabuun wal qabata.
 - a. Mat. 6:10
 - b. 1Yoh. 3:22
 - c. 1Yoh. 5:14-15
2. Yesuus keessa jiraachuu
Yoh. 15:7
3. Maqaa Yesuusiin kadhachuu
 - a. Yoh. 14:13, 14
 - b. Yoh. 15:16
 - c. Yoh. 15:23-24
4. Hafuura Quqlulluudhaan kadhachuu
 - a. Efe. 6:18
 - b. Yih. 20

B. Fedha namaatiin wal qabata

1. Ollii gadi raafamuu dhiisuu
 - a. Mat. 21:22
 - b. Yaaq. 1:6-7
2. Waan hamaa kadhachuu
Yaaq. 4:2-3

C. Filannoo dhuunfaatiin wal qabatu

1. Nuffii malee
 - a. Luq. 18:1-8
 - b. Qol. 4:2
 - c. Yaaq. 5:16
2. Morkii mana keessaa
1Phex. 3:7
3. Cubbuu
 - a. Far. 66:18
 - b. Isay. 59:1-2
 - c. Isay. 64:7

Kadhannaan hundumtuu deebii ni argata, garuu kadhannaa hundi ija qabeesa miti. Kadhannaan hariiroo kallattii lamaati. Wanti hamaan Waaqayyo godhu yoo jiraate kadhannaa sirrii hin taane amantoonni kadhaniidha. Mata Duree Addaa namaaf kadhachuu jedhu Qol. 4:3 fi 1Yoh. 5:14 irraa ilaali.

MATA DUREE ADDAA: MAQAA GOOFTICHAA

Kun Kakuu Haaraa keessatti waldaa keessa jiraachuu fi aangoo isaa mul'isuu sadan tokkummaatiif jecha beekamaadha. Kun barmaatii otuu hin ta'in eenyummaa Waaqayyoo agarsiisudha.

Yeroo baay'ee gaaleen kun akka gooftaatti Yesuusiin agarsiisa (cf. Fil. 2:11).

1. Yeroo gaafa cuuphaa Yesuusitti amanuu nama sanaa dubbatamu (cf. Rom. 10:9-13; HoE 2:38; 8:12, 16; 10:48; 19:5; 22:15; 1Qor. 1:13, 15; Yaaq. 2:7).
2. Yeroo hafuura hamaa baasan (cf. Mat. 7:22; Marq. 9:38; Luq. 9:49; 10:17; HoE 19:13)
3. Yeroo fayyisuutti (cf. HoE 3:6, 18; 1:140; 9:34; Yaaq. 5:14)
4. Yeroo hojii tajaajilaa (cf. Mat. 10:42; 18:5; Luq. 9:48)
5. Yeroo seerri Waaqeffannaa waldaa gaggeeffamu (cf. Mat. 18:15-20)

6. Yeroo Ormootatti lallaban (cf. Luq. 24:47; HoE 9:15; 15:17; Rom. 1:5).
7. Kadhannaa keessatti (cf. Yoh. 14:13-14; 15:2, 16; 16:23; 1Qor. 1:2)
8. Karaa ittiin kiristiyaanummaa agarsiisan (cf. HoE 26:9; 1Qor. 1:10; IIXim. 2:19; Yaaq. 2:7; 1Phex. 4:14)

Waan akka dhuga baatuutti, gargaartuutti, nama fayyisuutti, hafuura hamaa nama baasuu fi kkf tti hojjennu hundumaa eenyummaasaatiin, aangoo isaatiin, kennaa isaatiin maqaa isaatiin hojjenna!

▣ “yoo” Kun gocha raawwatamuu danda'u agarsiisa.

▣ “**waanuma feetan yoo na kadhattan**” Yeroo baay'ee amantoonni Hafuura Qulqulluudhaan karaa ilmaa Abbaa akka kadhatan ni jajjabeeffamu. Lafkkoofsi kun wangeela Yohaannis keessatti lakkoofsa itti Yesuus kadhannaa gara ofii isaatt fide isa kohaadha. Kunis sababii barreeffamoonni afaan Giriikii durii baay'een yaada “na kadhadhaa” jedhu keessaa hanbisaniif ta'uu danda'a j(jechuunis, MSS, A, D, L barreeffamoota laatiinii durii tokko tokko, Vulgate, Koptic Ethiyoophiyaa fi hiikaa warra Islav). UBS⁴ kana akka gartuu “B”tti ilaala (dhugaatti kan dhiyaatu). Kunis MSS⁶⁶, p⁷⁵, ⌘, B, W fi hiikaa Laatinii, Vulgat fi Sooriyaa durii tokko tokko keessatti hamatameera.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 14:15-17

¹⁵Yesuus itti fufee, “**Isin yoo na jaallattan abboomota koo ni eegdu.** ¹⁶Ani Abbaa nan kadhada inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraa kan isiniif dubbatu, isiniif ni kenna. ¹⁷Inni isiniif dubbatu kun, hafuura dhugaati, biyyi lafaa waan hin argineef isa hin beekneefis isa fudhachuu hin danda'u. Isin garuu, inni isinii wajjin waan turuuf, isin keessaas waan jiraatuuf isa beekuuf jirtu.

14:15 “isin yoo na jaallattan abboomota koo ni eegdu” Kun gocha raawwatamuu danda'u agarsiisa. Kiristoosin Waaqayyoon jaallachuun abboomamuudhaan ibsama “in eegdu” inni jedhu fuula duratti gocha raawwatamu agarsiisa (Friberg, Analytical Greek New Testament, ful. 337). Abboomamuun baay'ee baay'ee barbaachisaadha (cf. 8:51; 14:21, 23-24; 15:10; 1Yoh. 2:5-5; 3:22, 24; 5:3; IIYoh. 6; Luq. 6:46). Lakkoofsi 21, 23 fi 24 dhugaadhuma kana jabeessu. Abboomamuun dhugaatti amanuu namaatiif ragaadha (cf. Yaaqoobii fi 1Yohaannis).

NKJV'n ajaja “Abboomota koo eegaa”jedhu qaba, kunis MSS, A, D, W, Vulgate fi abbootii waldaa baay'eedhaan kan deggaramudha. UBS⁴ immoo dubbii fuula dura agarsiisu kan sadarkaa “C” qabu (murteessuudhaaf rakkisaa kan ta'e) lafa kaa'a, kunis MSS, B, L, fi hiikaa warra koptik, akkasumas abbootii waldaa baay'eedhaan kan deggaramudha.

14:16 “isiniif in kenna” ibsa 14:26 irra jiru ilaali.

▣

NASB, NKJV

TEV “gargaaraa kan biraa”

NRSV “kan isiniif dubbatu kan biraa”

NJB “Hafuura Qulqulluu”

Jechi “kan biraa” jedhu yeroo afaan Giriikiitti hiikamu (allos) “gosuma tokko ta'ee kan biraa” jedhameera (cf. Campbell Morgan, Mata Duree Addaa armaan gadii ilaali).

Jechi lammaffaan inni “Hafuura dhugaa” jedhi hiikaa afaan Giriikiitiin (parakletos) 1Yoh. 2:1 keessatti (akka isa nuuf kadhatuutti) Yesuusii Yoh. 14:26 fi 16:7-14 keessatti immoo Hafuura Qulqulluu agarsiisa. Hunden jecha kanaa akka ilaalcha seeraatti “isa gargaaruuf wajjin waamame” jechuudha. Kanaaf “kan isiniif dubbatu” jedhu sirritti jechicha ni hiika. Hundeema jecha Giriikii kanaan kan walfakkaatu, “jajjabeessaa” (*parakaleō*), 2Qor. 1:3-11 keessatti Abbaa agarsiisa.

Maqaan “kan isiniif dubbatu” (*parakleteō*) jedhu kun seera warra Roomaa irraa kan fudhatamedha. Hiikaan “jajjabeessaa” jedhu immoo jalqaba wWycliffe'tu itti fayyadame, kunis Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii

isa durii keessatti itti fayyadama xumura (*parakeleō*) kanaa calaqqisiisa (echuunis, isa. 33:7; 35:4; 61:1-2; 66:10-19, NIDDTTE, hidha 1, ful. 570 ilaali). Kunis faallaa seexanaa (isa nama yakku) ta'uu danda'a.

Philoo fi Josephus jecha kana akka "isa namaaf kadhatuu" yookaan "gorsaatti" fayyadamu.

MATA DUREE ADDAA: YESUUSII FI HAFUURA QULQULLUU

Hojiin ilmaa fi hojiin Hafuura Qulqulluu baay'ee wal fakkaataadha. G.Cambell Morgan akka jedhutti Hafuurichaaf maqaa filatamaan "Yesuus kan biraa"dha (garuu, eenyummaa bara baraa garaa gara ta'e qabu). Kan armaan gadii toorii hojii fi aangoo ilmaa fi Hafuura Qulqulluu.

1. Hafuurri Qulqulluu "Hafuura Yesuus" ykn ibsa walfakkaataadhaan waamameera (cf. Rom. 8:9; IIQor. 3:17; Gal. 4:6; IPhex. 1:11)
2. Jecha wal fakkaataa lamaanuu ittiin waamaman
 - a. "dhugaa"
 1. Yesuus (Yoh. 14:6)
 2. Hafuura Quqlulluu 1Yoh. 14:17; 16:13)
 - b. "kan nuuf dubbatu"
 1. Yesuus (1Yoh. 2:1)
 2. Hafuura Qulqulluu 1Yoh. 14:16, 26; 15:26; 16:7
 - c. "Qulqulluu"
 1. Yesuus (Luq. 1:36; 14:26)
 2. Hafuura Qulqulluu (Luq. 1:35; 4:34)
3. Lamaanuu amantoota keessa jiru
 - a. Yesuus (Mat. 28:20; Yoh. 14:20, 23; 15:4-5; Rom. 8:10; IIQor. 13:5; Gal. 2:20; Efe. 3:17; Qol. 1:27)
 - b. Hafuura Qulqulluu (Yoh. 14:16-17; Rom. 8:9,11; 1Qor. 3:16; 6:19; IIXim. 1:14)
 - c. Abbaa (Yoh. 14:23; IIQor. 6:16)

▣ **"inni isinii wajjin bara baraan waan turuuf"** Hafuurri Qulqulluu akka nuu wajjin jiru, ni bira jiruu fi nu keessa jiru hubachuu qabna.

1. "*meta*" (lakk. 16), "wajjin"
2. "*para*" (lakk. 17), "tiin"
3. "*en*" (lakk. 17), "keessa"

Amantoota keessatti jireenya Yesuus mul'isuun hojii isaati. Inni hamma bara baraatti isaanii wajjin turuuf jira (cf. Lakk. 18; Matt. 28:20).

Hafuuri Qulqulluu "isa jedhamuu isa hubachuun gaarii ta'a. Kun immoo hafuurri Quqlulluu eenyummaa akka qabu agarsiisa. Yeroo baay'ee KJV keessatti hafuurri qulqulluu jechi "Hafuura" jedhu afaan Giriikiitiin saala wan hin agarsiifnee akka "wanta" tokkootti caqafama (cf. Yoh. 14:17, 26; 15:6). Kunis sadan tokkummaa agarsiisa (Mata Duree Addaa 14:26 irra jiru ilaali). Jechi sadan tokkummaa jedhu Macaafa Quqlulluu keessatti hin argamu, garuu Yesuus Waaqa erga ta'ee, Hafuurri Qulqulluunis eenyumaa erga qabaatee, wanti sadan tokkummaa agarsiisu jira. Waaqayyo humna Waaqummaatiin tokko, garee eenyummaa bara baraa sadiin of mul'isa (Mata Duree Addaa 14:26 irraa ilaali, (cf. Mat. 3:16-17; 28:19; HoE 2:33-34; Rom. 8:9-10; 1Qor. 12:4-6; IIQor. 1:21-22; 13:14; Efe. 1:3-14; 2:18; 4:4-6; Titol 3-4-6; IPhex. 1:2).

"bara baraan" isa jedhuuf Mata Duree Addaa 6:58 irraa ilaali.

14:17 "hafuura dhugaa" Asitti "dhugaa" inni jedhu lakk. 6 (cf. 15:26; 16:13; 1Yoh. 4:6) wajjin hiikaa wal fakkaataa qaba. Dhugaa irratti Mata Duree Addaa 6:55 fi 17:3 ilaali. Inni faallaa seexana isa abbaa sobaati (cf. 8:44).

▣ **"isa"** Dhugaatti Hafuurri Quqlulluu dhiira ykn dubartii miti, garuu hafuur eenyummaa mataa ofii akka inni qabus hubachuun barbaachisaadha (Mata Duree Addaa 14:26 irraa ilaali).

▣ **"biyyi lafaa... isa fudhachuu hin danda'u"** Hafuurri Quqlulluu warra Kiristoositti amananiin duwwaa keessumeessifamuu danda'a (cf. 1:10-12). Inni waan amantoonni barbaadan hundumaa ni kennaaf (cf. Rom. 8:1-

11). Biyyi lafaa hin amanne (kosmos Mata Duree Addaa armaan gadii ilaali). Hojii hafuuraa hubachuu yookiis dinqisiifachuu hin danda’u (cf. 1Qor. 2:14; IIQor. 4:4).

MATA DUREE ADDAA: AKKAATAA ITTI PHAAWULOOS Jecha KOSMOS (BIYYA LAFAA) JEDHUTTI FAYYADAMU

Phaawuloos jecha kosmos jedhu karaa baay’eedhaan gargaarama

1. Wanta uumame hundumaa (cf. Rom. 1:20; Efe. 1:14; 1Qor. 3:22; 8:4, 5)
2. Lafa kana (cf. IIQor. 1:17; Efe. 1:10; Qol. 1:20; IXim. 1:15; 3:16; 6:7)
3. Namoota (cf. 1:27-28; Rom. 3:6, 19; 11:15; IIQor. 5:19; Qol. 1:6)
4. Namoota Waaqayyootti adda ba’anii jiraatan (cf. 1:20-21; 2:12; 3:19; 11:32; Gal. 4:3; Efe. 2:2; 12; Fil. 2:15; Qol. 2:8, 20-24). Kunis itti fayyadama Yohaannisiin wal fakkaata (1Yoh. 2:15-17).
5. Bifa biyya lafaa har’aa (cf. 7:29-31; Gal. 6:14; Fil. 3:4-9 iddo itti Phaawuloos bifa Yihudootaa (jireenya isanaii) ibsuu wajjin wal fakkaata.

Karaa tokko tokko waan walfakkaataniif itti fayyadama hundumaa toora qabxiisanii iddo garaa garaatti gooduun ulfaataadha. Akkuma warra barsiisa Phaawuloos keessatit mul’atan baay’ee isaanii jechi kun hiika dura lafa kaa’amuun utuu hin ta’in akka galumsa isaatti hiikamuu qaba. Dubbiin Phaawuloos wal qabaataa ture (cf. Jame’s Stewart’s A Man in Christ). Inni barsiisa amanti tokko lafa kaa’uu utuu hin ta’in Kiristoosiin labsaa ture. Inni waan hundumaa jijjiira!

▣ **“hin argineef ... hin beeknefis”** Afaan Ibraayisxiitti kun walitti dhufeenya guddaa yookiis hariiroo dhunfaa jedhamee hiikama (cf. Uma. 4:1; Erm. 1:5). Hiikaan Afaan Giriikii immoo beekuu ta’a. Wangeelli waan qabatamaa fi waan yaadaa irratti kan hundaa’edha.

▣ **“inni isnii keessa waan jiraatuuf”** Barreeffama Yohaannis keessatti nama keessa jiraachuun yaada murteessaadha (Boqonnaa 15, Mata Duree Addaa 1Yoh. 2:10 irraa ilaali). Abbaan ilma keessa jira, Hafuurri Ququlluun amantoota keessa jira, amantoonnis ilma keessa jiru. Kunis taatee miira irratti hundaa’u utuu hin ta’in yeroo hundumaa dhaabataadha.

▣ **“isinii wajjin waan turuuf”** kun akka “isin gidduu”tti hubatamuu danda’a. Waaqayyo amantoota keessa jiraachuun abdiif guddaadha. Kakuu Haaraan akka dubbatutti sadan tokkummaan sadanuu amantoota keessa jiru.

1. Yesuus (Mat. 28:20; Yoh. 14:20, 23; 15:4-5; Rom. 8:10; IIQor. 13:5; Gal. 2:20; Efe. 3:17; Qol. 1:27).
2. Hafuura Qulqulluu (Yoh. 14:16-17; Rom. 8:11; IQor. 3:16; 6:19; IIXim. 1:14).
3. Abbaa (Yoh. 14:23; IIQor. 6:16).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 14:18-24

¹⁸Ani kophaatti isin hin dhiisu, gara keessan nana dhufa. ¹⁹Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi’ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu. ²⁰“Gaafa anii abbaa koo keessa, anis isin keessaa kan jiru beekuuf jirtu. ²¹Namni abboommii koo qabu, inni isa raawwatus, isa, ka nana jaallatu; nama ana jaallatu immoo abbaan koo isa jaallachuuf jira, anis isa nan jaalladha, ofii koos isatti mul’isuufan jira” jedhe. ²²Yihudaa nama biyya Keriyot utuu hin ta’in, Yihudaa inni tokko, “Gooftaa, attamitti ati biyya lafaatti utuu hin ta’iin nutty of mul’iftaree?” ittiin jedhe. ²³Yesuus deebisee, “eenyu illee yoo na jaallate dubbii koo ni raawwata, abbaan koo immoo is ani jaallata; nuyis isa bira ni dhufan, iddoo jireenyaas isa bira ni godhanna. ²⁴Namni ana hin jaallanne immoo dubbii koo hundumaa hin raawwatu, dubbichi isin dhageessan kunis kan abbicha isa ana ergeetti malee, kan koo miti” jedheen.

14:18 “ani kophaatti isin hin dhiisu, gara keessan nan dhufa” Yesuus kakuu gaafa Sanbataa guddaa galaala faasikaa booddee erga du’aa ka’ee bartoota isaaf kakatee hundumaa raawwateera (cf. 20:19-31). Yaada laatonni tokko tokko garuu yaada kana akka waan gaaf pheexeqoosxeetti bu’uu hafuura Qulqulluu yookiis (HoE 2) dhufaati isaa isa lammaffaa agarsiisutti ilaalu (cf. Lakk. 3).

14:19 “yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi’ee ana hin argu, isin garuu... na argitu” Lakkoofsi 20 akka agarsiisutti kun du’aa ka’uu booddee itti mul’achuu Yesuus agarsiisa. Kunis dubbii Yihudaan lakk. 22 keessatti gaaffii biraa Yesuusiin gaafachuudhaaf ol fudhatamedha. Amma iyyuu ergamoonni akka waan inni lafa irratti Mootummaa Masihichaa hundeessuutti eegaa jiru (jechuunis, Mat. 20:20-28; mar. 10:35-45). Kanaaf yeroo inni “biyyi lafaa kanaa booddee deebi’ee nah in argu” jedhe bitaa isaanitti gale. Deebiin Yesuus Yihudaadhaaf deebise, jireenya tokko tokkoo amantootaa keessatti akka of mul’isuu fi biyyi lafaas isaan keessaan akka isa argudha!

▣ **“Inni waanan jiraadhuuf, isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif”** Du’aa ka’uun Yesuus karaa ittiin Waaqayyo jireenya kennuudhaaf humnaa fi fedha qabu agarsiisedha (cf. Rom. 8:9-11; 1Qor. 15:20-23, 50-58).

14:20 “gaafas” Jechi kun yeroo baay’ee guyyaa is adhumaa agarsiisa (Mata duree armaan gadii ilaali). Asitti garuu du’aa ka’uu booddee itti mul’achuu Yesuus yookiis gaafa Pheenxeqoosxeetti guutummaa hafuura qulquluu agarsiisuu danda’a.

MATA DUREE ADDAA: GAAFAS (GUYYICHA)					
Jechi “Gaafas” jedhu kun karaa ittiin raajjoni jaarraa saddeettaffaa firidiidhaaf akkasumas oolchuudhaaf mul’achuu Waaqayyoo agarsiisanidha.					
Hosa’an		Amos		Miilkiyaas	
<u>Oolchuuf</u>	<u>Firdiif</u>	<u>oolchuuf</u>	<u>firdiif</u>	<u>oolchuuf</u>	<u>firdiif</u>
1:11	1:15		1:14(2)		2:4
	2:3		2:16		3:6
2:15			3:14	4:6	
2:16			3:18(2)		5:10
2:21			3:20		7:4
	5:9		6:3	7:11(2)	
	7:5		8:3	7:12	
	9:5		8:9(2)		
	10:14		8:10		
		9:11	8:13		

Adeemsi kun akkaataa ittiin raajjoni kun beekamanidha. Waaqayyo guyyaan inni itti cubbuutti murteessu dhufuuf jira, garuu inni warra yaada garaa isaanii fi hojii isaanii geeddarataniif guyyaa qalbi diddiirrannaa fi dhiifama ni kenna! Kaayyoon fayyisuu fi oolchuu Waaqayyoo raawwachuuf jira! Inni namoota amala isa calaqqisiisan argachuuf jira. Kaayyoon uumamaa (tokkummaa Waaqayyoo fi namaa) raawwachuuf jira!

▣ **“beekuuf jirtu”** Jechi “beeku” jedhu yeero baay’ee afaan ibraayisxiitti hiika tokkummaa yookiis hariiroo cimaa jedhu of keedssaa qaba, asitti garuu yaada sammuutiin wal qabata Jechi kun akkuma “amanuu” jecha jedhuu hiikaa lama qaba Yohaannis Wangeela ibsuudhaaf jechoota akkasiitti fayyadama. Amantoonni isa beeku (isatti amanu), akkasumas dhugaa waa’ee isaatii beeku (kana ni amanu). Mata Duree Addaa 2:23 irraa ilaali.

▣ **“ani Abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa, anis isin keessa”** Yohaannis yeroo baay’ee tokkummaa abbaa fi ilmaa ol kaasee mul’isa (cf. 10:38; 14:10-11; 17:21-23). Akkuma Abbaa fi ilmi tokkummaa cimaa qaban, Yesuusis duuka buutota isaa wajjin tokkummaa cimaa akka qabu dhugaa ibsu lafa kaa’u (cf. Yoh. 17)!

14:21 “namni abboommii koo qabu, inni isa raawwatus” Abboomamuun baay’ee murteessaadha (ibsa Lakk. 15 irra jiru ilaali). Dhugaatti amanuu namaatiif kun ragaadha (cf. Lakk. 23).

Ergamoonni Yihudoota waan ta’aniif barreeffamoota isaanii keessatti fakkeenya aadaa isaanii garaa garaa fayyadamu. Kadhannaa Yihudoota yeero hundumaa Waaqeffannaan ittiin jalqabamu isa keessa deebii 6:4-6 irraa “shema” jedhamudha, kunis “nu dhaga’ii nuu deebisi” jechuudha! Kun tuqaa yaada Yohaannisidha (cf. Yaaq. 2:14-26).

▣ **“ofitti koos isatti mul’isuufan jira”** Kun wanti inni agarsiisuu danda’u (1) du’aa ka’uu booddee itti mul’achuu isaa (cf. HoE 10:40-41) ykn (2) Kiristoosiin amantoota keessatti mul’isuu fi amantoota keessa bulchuudhaaf Hafuura Quqlulluu erguufii (cf. Lakk. 26; Rom. 8:29; Gal. 4:19).

▣ Yesuus akka (10 abbaa bakka bu’u; (1) abbaaf haasa’u; fi (3) abbaa mul’isu amanee ifa godhe. Waa’ee kaayyoo Waaayyoo odeeffannoo ifa ta’e qabaachuudhaaf madii tokkichi amantoonni qaban dubbii aango qabeessa Yesuusiin dubbatamee rgamootaan barreeffame kana duwwaadha. Aangoon Yesuusii fi Macaafa Quqlulluu (yoo sirriitti hiikame) aangoo sadarkaa dhuma akka ta’ee fi sababiin, muuxannoonii fi aadaan garuu kan nama gargaaran malee hamma dhumaatit kan itti hiirkatamu akka hin taane amantoonni ni mirkaneessu.

Hojiin Hafuura Quqlulluu fi ilmaa baay’ee wal fakkaataadha. G.Campbell Morgan akka jedhutti Hafuura Quqlulluudhaaf maqaan filatamaan “Yesuus kan biraa”dha. Mata Duree Addaa 14:16 irra jiru ilaali.

14:22 Ibsa Lakk. 19 irra jiru ilaali.

▣ **“Yihudaa nama biyya Keriyot”** utuu hin ta’in ittiin waamamudha (cf. Mat. 10:3; Marq. 3:18). Mata Duree Addaa 1:45 irraa ilaali).

14:23 “yoo” Kun gocha raawwatamuu danda’u agarsiisa. Jaalalli bartoonni Yesuusiif qaban jaalala walii isaaniif qabaniin ilaalamuuf jira (cf. Lakk. 15, 21).

14:24 “isin” Gaaffiin hiikaa gaafatamuu danda’u. “isin inni jedhu kun eenyuun agarsiisa?” kan jedhudha. Kun kan agarsiisuu danda’u

1. Namoota biyya lafaa warra ergaa Yesuus tuffatan (fudhachuu didan)
2. Bartoonni dubbii Yesuus akka dubbii abbaa uma dubbatamaa jiruutti fudhachuu waan qabaniif isaan agarsiisuu danda’a (cf. Lakk. 10-11)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 14:25-31

²⁵Yesuus ammo, “kana hundumaa utuun isin bira jiruu isnitti himeera. ²⁶Inni isiniif dubbatu Hafuurri Quqlulluun, inni abbaan maqaa kootiin ergu garuu, waan hundumaa isin ni barsiisa, waanan, isinitti hime hundumaas isin ni yaadachiisa. ²⁷Nagaa isin biratti nan hanbisa, nagaa koo isiniif nan kenna; ani akka biyyi lafaa kennutan isiniif kenna miti, garaan keessan hinraafamin, hin sodaatinis! ²⁸“Amman an adeema deebi’ees isin bira nan dhufa” akkan isiniin jedhe dhageessaniittu; utuu na jaallattu taatanii, waanan gara abbaa dhaquuf in gammaddu turtan. Abbaan nan caala’o. ²⁹Kunis yeroo raawwatamu akka amantaniif, duraan dursee utuu inni hin ta’in kunoo, isinitti himeera. ³⁰Kanatti dabalee kana booddee waan baay’ee isinii wajjin hin dubbadhu, inni biyya lafaa kana seerrata dhufuutti jira; haa ta’u iyyuu malee, inni ana irrati aboo hin qabu. ³¹Garuu ani abbaa jaallachuu koo biyyi lafaa haa beeku; ka’aa egaa itti adeemnaa! Jedhe.

14:25 “kana hundumaa” Kun kan inni agarsiisu barsii kutaa gara olii ta’uu qaba (boqonnaa 13:17, garuu addatti 15:11; 16;1, 4, 6, 25, 33 keessatti caqafameeraa).

14:26 “Hafuurri Quqlulluun” Sadan tokkummaa keessaa maqaan inni sadaffaan kun wangeela Yohaannis keessatti asii fi 1:33; 20:22 keessatti qofa argama (Mata Duree Addaa isa Qulqulluu jedhu 1Yoh. 2:20 irraa ilaali). Garuu wangeel Yohaannis keessatti maqaa baay’eedhaan waamama (“paraclete”, hafuura dhugaa, fi Hafuuricha).

Kakuu Haaraa keessa barreeffamoonni jechoota waa’ee namaa dubbachuuf gargaaranitti dhimma ba’anii waa’ee Hafuura Qulqulluu dubbatan baay’eedha (cf. Mat. 3:29; Luq. 12:12; Yoh. 14:26; 15:26; 16:7-15, Mata duree addaa armaan gadii ilaali). Barreeffamoonni ibsa maqaa saala hin argisiifneen Hafuura Quqlulluu ibsanis jiru, kunis afaan Giriikiitti jechi Hafuura (pneuma) jedhu saala waan hin ibsnineefidha (cf. 14:17; Rom. 8:26).

Kutaa kana keessaa kun tuqaa waa’ee sadan tokkummaa of keessaa qabudha. Jechi “sadan tokkummaa” jedhu Macaafa Quqlulluu keessa hin jiru, garuu barreeffamoota baay’ee keessatti Waaqni dhugaan tokkichi qaamonni ittiin of mul’isu sadan walii wajjin argamu (Mata Duree Addaa armaan gadii ilaali). Yesuus Waaqa erga ta’ee, hafuurri quqlulluuniis eenyummaa erga qabaatee, akka barsiisa amantii warra Waaqa tokkotti amanuutti (cf. Keessa Deebii. 6:4-6) yaada sadan tokkummaa jedhu fudhachuuf dirqamna. Kunis waan jijjiiramaa yookiis guddataa adeemu utuu hin ta’in, eenyummaa bara baraati!

MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA

Hojiin qaamota sadan tokkummaa sadan yaadu wal qabatuun hubachuun gaariidha. Jechi “sadan tokkummaa” jedhu Macaafa Quqlulluu keessa yoo jiraachuu baate illee, yaadni isaa iddoo hundumaa jira

- A. Wangeelota
 - 1. Mat. 3:16-17; 28:19 (fi kan kanaan wal qabatan)
 - 2. Yoh. 14:26
- B. Hojii Ergamootaa HoE 2:32-33, 38-39
- C. Phaawuloos
 - 1. Rom. 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
 - 2. IQor. 2:8-10; 12:4-6
 - 3. IIQor. 1:21; 13:14
 - 4. Gal. 4:4-6
 - 5. Efe. 1:3-14, 17; 2:18; 3:14-17; 4:4-6
 - 6. IITas. 2:13
 - 7. ITas. 1:2-5
 - 8. Tito. 3:4-6
- D. Pheexiros IPhex. 1:2
- E. Yihudaa Lakk. 20-21

Kakuu Haaraa keessatti jechoonni baay’ina agarsiisan utuu Waaqayyoon ibsanii ni argamu.

- A. Waaqayyoof jecha baay’ina agarsiisu fayyadamuu
 - 1. Maqaan *Elohim* jedhu danuu agarsiisa, garuu yeroo Waaqayyoof gargaaru xumura qeenxee agarsiisuun hordofama.
 - 2. “Nu’i” Uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 keessatti
- B. Ergamaan gooftichaa bifa ittiin Waaqayyo mul’atu ture
 - 1. Uma. 16:7-13; 22:11-15; 31:11, 13; 48:15-16
 - 2. Ba’u. 3:2, 4; 13:21; 14:19
 - 3. Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22
 - 4. Zakaariyaas 3:1-2
- C. Waaqayyoo fi Hafuurri isaa garaa gara. Uma. 1:1-2 Far. 104:30; Isa. 63:9-11; Hisq. 37:13-14
- D. Waaqayyoo (YHWH) fi Masihiichi (*adon*) garaa gara Far. 46:6-7; 110:1 Zak. 2:8-11; 10:9-12
- E. Masihiichii fi Hafuurichi garaa gara, Zak. 12:10
- F. Sadan isaanii iyyuu Isa. 48:16; 61:1 keessatti caqaamaniiru.

Waaqummaan Yesuusii fi eenyummaa qabaachuun Hafuura Quqlulluu amantoota durii Waaqa tokkichatti amanuutti cichan (Monotheistic) rakkisee ture.

- 1. “Tertullian” - Abbaa ilma caalchisa
- 2. “origen” – Humna Waaqummaa ilmaa fi Hafuura Quqlulluu gdi xinneeessaa mul’isa
- 3. “Arius” – Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta’uu isaanii gana
- 4. “Monarchianism” Waaqayyo tokkichi tartiibaan, abbaan, ilma, Hafuura Qulqulluudhaan akka of mul’isutti amanu.

Yaadni sadan tokkummaa jedhu yeroo keessa maddoota Macaafa Qulqulluu irratti hundaa’uudhaan wanta lafa kaa’amedha.

- 1. Yesuus guutummaan guutuutti Waaqa ta’uun isaa fi abbaa wajjin qixa ta’uun isaa Dh.K.B 325tti walga’ii Niiqyaatiin mirkanaa’ee fudhatame.
- 2. Hafuurri Quqlulluun eenyummaa mataa ofii qabaachuun isaa fi abbaa fi ilma wajjin wal qixa ta’uun isaa walga’ii konistantinopil irratti (Dh.K.B 381) mirkanaa’ee fudhatame.
- 3. Bu’uurri amantii sadan tokkummaa hojii Augustine “*De Trinitate*” jedhamuun gutummana guutuutti ibsame.

Dhugaatti as dhoksaan tokko jira. Kakuu Haaraan garuu Waaqa tokkicha eenyummaa bara baraa sadi’iin akka dubbatu amanama.

▣ “**inni abbaan ergu**” Hafuurri Qulqulluun Abbaa biraa (cf. Yoh. 3:34; 14:16; 16:26). Yookiis ilma biraa (cf. Yoh. 15:26; 16:7; Luq. 24:49; HoE 2:33) irratti waldaa durii keessatti (jaarrafaffaa) wal mormii guddaatu ture.

Dhimmii barsiisa amantii “Arius” fi “Athanasius”tti falmii kaase Waaqayyo abbaanii fi Yesuus Kiristoos guutummaan guutuutti Waaqummaa bara baraatiin qixa ta’uu isaaniiti.

▣ **“waan hundumaa isin ni barsiisa”** Kun fooyyefamu qaba. Hafuurri Quqlulluun kallattii beekumsaa hundumaan amantoota hin barsiisu, garuu dhugaa hafuura, keesumaa immoo eenyummaa fi hojii Yesuusiisiin waan wal qabate akkasumas wangeela (cf. 16:13-14; 1Jn. 2:20-27) nu barsiisa.

MATA DUREE ADDAA: EENYUMMAA MATAA OFII QABAACHUU HAFUURA QULQULLUU

Kakuu Moofaa keessatti “Hafuurri Waaqayyoo” (jechuunis ruach) humna kaayyoo Waaqayyo (YHWH) raawwatu ture, garuu wanti eenyummaa mataa ofii qabaachuu isaa ibsu hin jiru (jechuunis Kakuu MOofaa keessa Waaqa tokkichatti amanuu (monotheism). Garuu, Kakuu Haaraa keessatti eenyummaa mataa ofii qabaachuun Hafuura Quqlulluu barreeffameera.

1. Ittiin mormamuu danda’a (cf. Matt. 12:31; Marq. 3:29)
2. Inni nma barsiisa (cf. Luq. 12:12; Yoh. 14:26)
3. Inni dhuga baatuudha (cf. Yoh. 15:26).
4. Firdii in argisiisa, nama geggeessa (cf. Yoh. 16:7-15)
5. “isa” jedhameera (cf. Efe. 1:14)
6. Gaddisiifamuu danda’a (cf. Efe. 4:30)
7. Ukaamamuu danda’a (cf. 1Tas. 5:19)

Barreeffamoonni waa’ee sadan tokkummaa dubbatanis waa’ee qaama sadi’ii haasa’u.

1. Mat. 28:19
2. IIQor. 13:14
3. IPhex. 1:2

Hafuura Quqlulluun hojii namaa wajjin wal qabata

1. HoE 15:28
2. Rom. 8:26
3. IQor. 12:11
4. Efe. 4:30

Jalqaba Hojii Ergamootaa irratti qaadni Hafuura Quqlulluu xiyyeeffannaadhaan dubbatama. Phenxeqoosheen jalqaba hojii hafuura Qulqulluu utuu hin ta’in boqonnaan haaraadha. Yesuus yeroo hundumaa hafuura Qulqulluu qaba ture. Cuuphamuun isaa jalqaba hojii Hafuura Quqlulluu miti, garuu boqonnana haaraadha. Luqaas waldaa kiristiyaanaa boqonnaa haaraa tajaajila ija qabuutiif qopheessa. Amma iyyuu xiyyeeffannaan Yesuus irra jira, Hafuurri Qulqulluunis karaa fixaan ba’umsa qabudha, jaalalli, dhiifamni fi nama bifa isaatti uumame hundumaa oolchuun Waaqayyo abbaas immoo kaayyicha!

▣ **“waan isnitti hime hundumaas isin in yaadachiise”** Kayyoowwan Hafuura Quqlulluu

1. Cubbuu namaatti faraduu
2. Namoota gara Kiristoositti fiduu
3. Kiristoos keessatti isaan cuuphuu
4. Kiristoosiin isaan keessa bulchuu (cf. 16:7-15)
5. Ergamoonni akka waan Yesuus isaanitti hime hundumaa akka yaadataniin fi hiiki isaa ifa ta’uu, kanas Macaafa Qulqulluu keessatti akka barreessan (cf. 2:22; 15:26; 16:13) gargaaruu.

Yesuus mataan isaa du’aa ka’uu isaa booddee ergamoota barsiiseera, keesumaa immoo, akkamitti Macaafonni Kakuu Moofaa waa’ee isaa akka dubbataniin fi isaan akkamitti akka wantoonni dubbataman kun raawwataman barsisee (cf. Luq. 24:13 ff).

14:27 “Nagaan isin biratti nan hanbisa, nagaa koo isiniif nan kenna” Nagaan amantootaa haala irratti hin hundaa’u, aruu nagaa kakuu fi jiraachuu Yesuus irraa argamu irratti hundaa’a malee (cf. 16:33; Fil. 4:7; Qol. 3:15).

“nagaan” Waaqayyoo wajjin araaramuu akasumas haalota rakkisoo gidduutti boqonnaa fi eegumsa qabaachuu agarsiisa. Kunis jecha ittiin Yihudoonni nagaa wal gaafatan, “shalom” hiikni isaas rakkinni dhabamuu fi gammachuu guddaa qabaachuu ta’e calaqisiisa (cf. 20:19, 21, 26; IIIYoh. 14; Efe. 2:14; Seera Lakk. 6:26; Far. 29:11; Isa. 9:6). Kunis bara haaraa/araaraa agarsiisa!

MATA DUREE ADDAA: KIRISTIYAANUMMAA FI NAGAA

Hiikaan jecha Giriikii isa jalqabaa “waan cabe walitti deebis’uu” jechuudha. Kakuu Haaraa karaa sadi’iin waa’ee nagaa haasa’a.

1. Karaa Kiristoos Waaqayyoo wajjin nagaa qabaachuu keenya (cf. Qol. 1:20)
2. Waaqayyootti hirkachuu keenya (cf. Yoh. 14:27; 16:33; Fil. 4:7)
3. Waaqayyoo karaa Kiristoos Yihudootaa fi Ormoota amanan qaama tokko gochuu isaa (cf. Efe. 2:14-17; Qol. 3:15).

Kitaabni “Newman and Nida, A Translator’s hand Book on paul’s Letter to the Romons” jedhamu fula. 92 irratti wa’ee “nagaa” irratti yaada gaarii kenna.

“Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti jechi nagaa jedhu hiikaa garaa garaa qaba. Akka walii galaatti nagaummaa jireenya namaa ibsa; Yihudooda biratti immoo adeemsa murtaa’aa ittiin nagaa wal gaafataniitti iyyuu fudhatameera. Jechi kun hiikaa guddaa qabaachuu isaa irraa kan ka’e Yihudoota biratti fayyina karaa Masihichaa dhufu ibsuuf illee ooluu ni danda’a. Dhugaa kana irraa ka’uudhaan, yeroon jechi kun itti dubbii “Waaqayyoo wajjin hariiroo sirrii qabaachuu” jedhuu wajjin hiikaa wal fakkaataa qabaatu jira. Asitti jechi kun akka ibsa hariiroo gaarii namaa fi Waaqayyoo gidduutti, Waaqayyoo nama garaa ofii isaatiitti deebisuu isaa irratti hundaa’ee uumameetti gargaara” fuula 92.

▣ **“nan hambisa”** Kitaabni Grant, Osborn, the Hermeneutical Spiral jedhamu fuula 21) hiikaa jecha tokkoo adda baasuu keessatti dursa galumsi jechichaa qabu irratti yaadii baay’ee gaarii laata.

“Hiikaa Galumsaa

Qabatamaatti, hiikaa laachuu keessatti hiikni galumsaa hunda caalaa tuqaa murteessaadha. Namni tokko gar tokkoo yoo rafee fi gaaffii ani gaafadhu hin dhaga’u ta’e, “yaadichaa” deebiin inni laatu sirrii ta’uu isaatiif carraa parsantii shantamaatu jira jedheen bartoota koo itti hima. Jechichi mataan isaa barreeffama irratti dhiibbaa guddaa fiduu danda’a. Kunis akka waiirtuu geengoo dubbisicha irraa ka’ee babal’ataa adeemuutti akka gaariitti ibsamuu danda’a.

Hamuma gara gidduutti siqaa adeemuu, dhiibbaan hiikaa dubbisichaa irra jiraatu dabalaaa adeema. Akka fakkeenyaatti, Genre akaakuu barreeffamichaa adda baasee namni hiikaa laatu yaadota wal fakkaata akka adda baasuuf haala mijreessa, kun garuu dhiibbaa kutaan barreeffamichaa gari kaan uumuu danda’u fiduu hin danda’u. Fakkeenyaaf mul’ata Yohaannis akka kitaaba waa’ee badiisa biyya lafaa dubbatuutti qooduu ni dandeenya. Garuu, Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa keessatti dubbiin badiisa biyya lafaa walqabatamanii dubbataman yaada wal fakkaataa yoo qabaatan illee harki caalaan mallattoowwan caqafamanii Kakuu Moofaa keessaa fudhataman. Karaa biraa yeroo ilaalamu, hiikni galumsaa battalatti mul’atu, murtoo hiikaa jechichaa yookiis yaadichaatiin wal qabatu kan murteessudha. Phaawuloos jecha Filiphisiyus isa duraa keessatti fayyadame hiikaa wal fakkaataadhaan Filiphisiyus isa lammaffaa keessattis fayyadamuu isaatiif ragana hin jiru. Afaani salphaadhummatti kallattii kana irra hin adeemu, jechi tokko hiikaa baay’ee waan qabuuf itti fayydamni barreeffamichaa yaada amma keessa jiru irratti malee hiika dura itti fayyadame irratti hin hundaa’u. Fakkeenya gaarii ta’uu kan danda’u jechi aphiemi jedhu Yoh. 14:27 keessatti “Nagaa isin biratti nan hambisa” Yoh. 16:28 keessatti immoo “deebi’ee immoo biyya lafaa nan dhiisa” hiika jedhu qabaachuu isaati. Hiikaan isaanii faallaa waan ta’eef is atokkoo isa tokko hiikuu hin dandeenyu. Isa jalqabaa keessatti Yesuus bartootaaf waa kennuu isaa, isa lammaffaa keessatti immoo waan isana irraa fudhatee (ofii isaa)deemuu isaa argina. Hiikaa beekkamana jecha kanaa “dhiifama” (akka 1Jn. 1:9). Barreeffamoni kan biroon hiikaa garaa garaa jechichi qabaachuu danda’u adda baasuuf nu gargaaru, garuu yaada isa jalqaba namatti mul’atu duwwaatu carraa hiika is adhugaa argachuu dhiphisuu danda’a” (fuula 21).

▣ **“garaan keessan hin raafamin”** Kana jechuun “gocha siluma iyyuu jalqabmee jiruu dhaabaa” jechuudha; irra deebii lakkoofsa 1.

14:28 “utuu na jaallattu ta’ee” Kun akkuma lakkoofsa 7 “waan dhugaa irraa fagaate” agargsiisa. Yesuus gara abbaa dhaqee Hafuura Quqlulluu isaaniif erguu wayya ture, garuu yeroo kanatti isana kana hubachuu hin dandeenye ture.

▣ **“Abbaan nan caal’ao”** Kun caalamuu ilmaa irratti dubbii xiyyeeffatu utuu hin ta’in, fayyina ilmaan namaan wal qabatee qoodama hojii sadan tokkummaa keessa jiru (cf. 10-29-30) irratti kan xiyyeeffatudha. Gadi qabamuun ilmaa kun, hanga inni karoora namatti of mul’isuu fi nama fayyisuu sadan tokkummaan raawwachuudhaaf biyya lafaa irra turu duwwaatti ture (cf. 17:4-5; Fil. 2:6-11). Haa ta’u iyyuu malee, yaadni abbaan isa erge ta’uu isaatiin dursa fudhachuu isaa calaqqisiisu jira (cf. 13:16; 1Qor. 15:27-28; Efe. 1:3-14).

14:29 “duraan dursee utuu inni hin ta’in kunoo, ani isnitti himeera” Kun akka amantiin isaanii cimuufture (cf. 13:19; 16:4).

14:30

NASB “inni biyya lafaa kana seerratu”

NKJV, NRSV

TEV “inni biyya lafaa kana seerratu”

NJB “inni biyya lafaa kana bulchu”

Kun seexana isa amma kutaa bulchiins isaa biyya lafaa kana ta’e agarsiisa (cf. 12:31; 16:11; IIQor. 4:4, “gooftaa’ biyya lafaa kanaa” Efe. 2:2 “abboo qilleensa keessa jiru irratti isa gooftummaa qabu”). Yesuus adda ba’uu Yihudaa akka dhufaatii seexanaatti ilaalee ta’uu danda’a (cf. 13:27). Mata Duree Addaa 12:31 irraa ilaali.

▣

NASB, NKJV “inni ana irraa homaa hin qabu”

NRSV, TEV

NJB “inni ana irratti aboo hin qabu”

Hiikaan dubbii kanaa seexanni guutummaan guutuutti Yesuusiin yakkuu akka hin dandeenye, aboo akka irratti hin qabne yookiis isaa wajjin dhaabataaatti waan tokko illee akka hin qabne (cf. Ibr. 4:15) agarsiisa.

1. Jams Moffatt akka hiikutti “inni harka isaa ana irratti kaasuu hin danda’u” jedha
2. William F. Beek. “ana irratti dubbachuu hin danda’u”
3. Macaafa Quqlulluu hiikaa Ingiliffaa haaraa” “ana irratti mirga hin qabu”
4. Kakuu Haaraa jaarraa digdamaffaa “ana wajjin dhaabataaatti wana tokko illee hin qabu”

14:31 “garuu biyyi lafaa haa beeku” Seexanni fedha Waaqayyoo jala jira, karoora Waaqayyoo nama fayyisuuf qabu isa guddaa keessattis abboomamaa jira. A.BDavidson The Theology of the old Testament, fuula 300-306 ilaali.

▣ **“akka abboommii abbaan anaaf kenneettis hojjechuu koo”** Yesuus du’uun isaa fedha Waaqayyoo Abbaa ture (cf. Isa. 53:10a, b, Marq. 10:45; IIQor. 5:21).

Mata duree addaa Barreeffamoota Yohaannis keessatti itti fayyidama “abboommii” jedhu 12:50 irraa ilaali.

▣ **“ka’aa egaa itti adeemnaa”** Dubbiin kun Maatewoosii fi Maarqoos keessatti yeroo itti Yihudaa fi loltoonni Getasemaanitti Yesuusitti dhi’aatan waan agarsiisuuf dubbii ulfaataadha. Maaliif akka inni yaada kutaa gara olii kana keessatti (Boqonnaa 13:17) caqafamee sirriitti beekuun rakkisaadha. Yesuus kutaa gara olii sana dhiisee karaa gara Getasemaaniitti geessu irra barsiisaa adeemuutti ture ta’uu danda’a (cf. 18:1).

GAAFFIILEE MAREE

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Lakkoofsa 1 irratti hundaa' uudhaan garaa garummaa "Theism" "Deism" fi kiristiyaanummaa gidduu jiru ibsi.
2. Maqaawwan sadan lakkoofsa 6 keessa jiraniif Kakuu Moofaa keessaa yaada bu'uura ta'u ibsi.
3. Lakkoofsa 13 duwaa irratti hundaa' uudhaan namni tokko barsiisa amantii hundeessuu danda'a?
4. Kaayyoo guddaan hafuura qulqulluu maalinni? (warra fayyiniifis warra badiisa keessa jiraniifis)
5. Seexanni fedha Waaqayyoo keessa jiraa?

YOHANNIS 15

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yesuus Mukicha wayinii isa dhugaa	Mukicha wayinii isa dhugaa	Akkaataa jireenya amantoota kiristiyaanaa	Yesuus mukicha wayinii isa dhugaa	Mukucha wayinii isa dhugaa
15:1-10	15:1-8	15- 1-11	15:1-4 15:5-10	15:1-17
	Jaalalaa fi gammachuu mudaa hin qabne 15:9-17			
15:11-17		15:12-17	15:11-17	
Jibba biyya lafaa	Jibba biyya lafaa		Jibba biyya lafaa	Biyya lafaa fi bartoota 15:18-16:4a
15:18-16:4 a				
15:18-25	15:18-25 Dhufaatii tuffatamuu	15:18-25	15:18-25	
15:26-16:4a	15:26-16:4	15:26-27	15:26-16:4a	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkk

HUBANNOO SIRRII WANBEELA YOH. 15:1-27

- A. Kun keeyyata ajaa’ibsiisaa dinqisiisaa fi rakkisaa dha. Amantootaaf kaka’umsa guddaa jaalala waaqayyo fi waadaa fixaan ba’iinsaa/ milkaa’uu/ kenna, ituma ta’uus akeekachiisa baay’ee sodaachisaa ta’anis immoo of-keessaa qaba. (Hubachuudhaaf waan hundaa dursee/dursa/ jalqaba irratti kan barbaachisu. Si’i

Macaafa qulqulluu fi HHafuura qulqulluu dha. Kana ati qorattoota irratti gattee dhiisuu hin qabdu.) Barrifata /duudhaa/ waliigaltee/aadaa/ amaleeffannaa qorannoo caaffata qulqullaa'aa qixxa kanatti kaasuun baay'ee namatti ulfaata; mee ka'een jecha qorataa ani baay'ee jaalladhuu, F. Buruus, kitaaba isaanii “Answers to questions” deebiiwwan gaaffiiwwanii jedhu keessatti barreessaa tokko fudhadha.

“Wangeela Yohaannis 15:4, 6. ‘Wangeela Yoh. 15:4.6. keessatti yemmuu “Anatti qubattanii yoo jiraachuun dhaabbatan” fi “Namni anatti qubatee yoo hin jiraanne” jedhu maal jechuu isaati? Kiristoositti qabachuu dhiisuun ni danda'amaa?

Keeyyatoonni akkasii ofuma isaaniifuu jaboo/rakkisoo miti, garuu rakkinni kan inni uumamu yemmuu nuti isaanii fi caaffata qulqullaa'aa biroo akka bu'uura/hundee qorannoo caaffata qulqullaa'aa keenyaatti fudhachuurra yaada mataa keenyaa wajjin waliin baay'ifnudha. Yeroo Gooftaan dubbachaa ture sanatti, fakkeenya baay'ee nama aarsu waa'ee namicha isatti qabachuu dadhabe tokkoo argina. Yihuudaa nama biyya keeriyoot, isa isaaniin gate/dhiisee adeeme/ sokke. Yihuudaanis akkuma bartoota kudha-tokkoon warra kaanii fulatamee ture (Luqaas 6:13 Wangeela Yoh. 6:70); Gooftaa wajjin tokkummaa'uun isaanii carraa addaa isaaniif filee Yihuudaa dhowwate hin qabu. * Keeyyatoonni mullatoon /ifoon/ waa'ee dhumarratti jabaatanii dhaabbachuu qulqullootaa barsiisan, akka malee gatiin isaanii gadi-kuffifamee akka waan keeyyatoota ifoo biroo waa'ee badiisa warra amantii isaanii hin egganneef dhiifami ta'uutti godhamanii ilaalamuu hin qaban.

- B. Kutaa kana keessatti waan baay'ee nama ajaa'ibsu, lafa-henna si'aneen (Present tense) eegamutti, baay'inaan hennaan- Aaworist (Aorist tenses) gargaaramuu/faayidaa/ irra oolu isaati. “Aaworistiin” kan faayidaa irra oolu yemmuu waa'ee jireenyi nama tokkoo walitti qabamee akka walii galaatti ilaalamu dha.
- C. Akkaataan hirmama boqonnaa 15 quubsa/ amansiisaa/ miti. Wangeelli Yohaannis, akkuma ergaa Yohaannis isa jalqabaa, afaan-lafaa halluu danuu qabu dha. Akkinni (pattern) isaanii ammas ammas irra deddeebi'anii mul'atu.
- D. Jechi “itti qabachuu” (*naeno*) jedhu Kakuu Haaraa(NT) keessatti gara si'a 112 caqafame. Kanneen keessaa 40 Wangeela Yohaannis, 26 ammoo ergaawwan isaa keessatti argamu. Kun jecha Yohaannis barsiisaa hHafuuraa keessatti caalaatti gargaaramu dha. Ennaama boqonnaa 15 ajaja Yesuus akka isatti qabannee jiraannuuf nu ajaje (nu ajaje) fakkeenyummaan ibsiltee, garuu wangeela Yohaannis keessatti jechi kan xiyyeeffannaa kana irra bal'aa ta'e qaba.
1. Seerichi bara-baraan jiraata (Maat. 5:17-18) Kiristoosis akkuma kana (12:34)
 2. Ergaan Ibirootaa ammoo daandii mul'ata haaraa tokko nu agarsiisa, innis karaa isa garbicha ta'ee ituu hin taane karaa ilam isa Waaqayyoo akkuma jirutti isaan mul'atuu (Ibr. 1:1-3, akkasumas Yoh. 8:35)
 3. Yesuus nyaata bara baraa isa hin badnee (6:27) fi isa-jiraataa nu godhachiisu (15:16) akka nuuf kennu dubbateera. Bakka-buusonni(Metaphors) kun lamaan dhugaa tokko agarsiisu, fedhii nuti Kiristoosiif qabnu lachanu: (1) Jalqaba fi (2) Walitti fufiinsaan. (kanaan ilaali (ki) 6:53; 15:3)
 4. Yohaannis cuuphaan Hafuurri olii dhufee ituunni Yesuus irra buufatuu yemmuu cuuphaa isaa argee ture. (1:32)
- E. Mata-duree addaa ilaali: Jiraachuu isa Ergaa Yoh. 2:10 irra jira.
- F. Lakkoobsa 11-16 bartoonni gammachuu Yesuus abdachiifamani; lakkoobsa 17-27 immoo bartoonni ari'atamuu Yesuus abdachiifaman. Waa'een yaaa ari'atamaa 16:4^a keessas jira. Haata'u iyyuu malee, sana keessatti amantoonni hundinuu wal-jaallatu akkuma inni isaan jaallate.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALAA

¹Mukichi wayinii inni dhugaan ana. Mukicha dhaabee kan eegu ammoo abbaa kooti. ²Dame ituu anatti jiruu ija hin godhanne hundumaa hin mura; dame isa ija godhatu hundumaa garuu caalchisee akka inni ija godhatuuf irraa in qeexxa'a. ³Isin ammuma iyyuu dubbii ani isinitti dubbadheen qulleeffamantiitu. ⁴Anatti qubadhaa jiraadhaa; anis isinitti nan jiraadha.akkuma dameen muka wayinichaatti qubatee yoo jiraachuudhaa baate ofiin ija godhachuu hin dandeenye, isin anatti

qabattanii yoo jiraachuudhaa baattan ija godhachuu hin dandeessan. ⁵ Ani muka wayinichaati, isin immoo damoota isaati; inni anatti qabatee jiraatu anis isatti jiraadhu, isa ija baay'ee kan godhatu; anatti gargar baattanii waan tokkollee gochuu hin dandeessa. ⁶ Namni anatti qabatee hin jiraanne, akkuma dame sanaa in gatama, in gogas; damoota akkasiis walitti qabaniibiddatti in naqu, in gubatus. ⁷ Isin anatti qabattanii yoo jiraattan, dubbiinkoos isin keessa yoo jiraate, waan feetan hin kadhattu, isiniif hin ta'as! ⁸ Kanaan, ija baay'ee godhachuu keessaniin, bartoota koos akka taatan mul'isuu keessaniin ulfinni abbaa koo hin argama. ⁹ Abbaan akkuma na jaallate, anis akkasuma isin jaalladheera; jaalala kootti qabamaa jiraadhaa. ¹⁰ Akkuma ani abboommii abbaa kootii hundumaa eegee, jaalala isaattis qabamee jiraadhe, isinis abboommii koo hundumaa yoo eegdan jaalala kootti qabamtanii hin jiraattu. ¹¹ Gammachuun koo isin keessatti akka argamuuf, gammachuun keessanis guutuu akka ta'uufan kana hundumaa isinitti dubbadha!"

15:1 “Mukichi waynii inni dhugaan ana” Wangeela Yohaannis keessatti jechi ‘Ana’ jedhu jecha Yesuus isa beekamaa dha. (Kanaan ilaali (Ki) 4:26; 6:35, 8:12; 10:7,9,10; Macaafa Hoosiyaa raajichaa 10:1; Maat. 21:33ff, Maarq.12:1-12, Room. 11:17ff). Kakuu Moofaa(KM) keessatti mucf.wayinii Isiraa’elootatti fakkeeffama ture. (Faars.80:8-16, Isaa. 5:1-7, Erm 2:21; Hisq. 15;19:10; Hoos. 10:1; Maat. 21:33ff; Maarq. 12:1-2, Room. 11:17ff) KM keessatti fakkeenyonni akkaii yeroo hundumaa hiikaa olta’aa (Negative Cauntation) qaba. Yesuus Israa’el isa sirrii turuusaa ni mirkaneessa. (Ki(kanaan Ilaali) Isaay. 53). Akkuma phaawuloos jechoota akka qaama Kiristoos misirroo Kiristoosii fi mana Waaqayyoo bakka buusa (metaphors), waldaa kiristiyaanaan ibse, akkasumas Yohaannis ammoo muka wayinii gargaarame. Kunis kan inni agarsiisu waldaan hariiroo isheen Yesuus mukicha wayinii isa dhugaa, wajjin qabdu irraa ka’uudhaan waldaan kiristiyaanaa Israa’el ishee ta’uu isheeti. (ki. Gal. 6:16, 1 pheex. 2:5,9; Mul. 1:6). Mata-duree adda ta’e 6:55 fi 17:3 irraa ilaali yaadachiisa 8:12 irra jirus ilaali.

Ibsitoonni tokko tokko akka jedhanitti dubbiin kutaa inni gararraa 14:31 irratti xumura, “kottaa addanaa kaanee haa deemnuu.” Yoo akkas ta’eef ergaa boqonnaa 15-17 kan jiru daandii Geetesemaan irratti barsiifame jechuudha. Ammas, yoo akkas ta’eef, kan ta’uu danda’u fakkeenyi ‘Muka Wayinii’ sun muka wayinii isa warqee irraa hojjetamee ijaarsa mana qulqullummaa irra kaa’ame irraa mallattoo qabatamaa fudhatame ta’a, isa Yesuusii fi warri 11 keessa darban halkan sanatti.

▣ **“Fi mukicha dhaabee kan eegu immoo abbaa kooti!”** Ammas irra deebi’uun Yesuus hariiroo jabaa isaa fi abbaasaa gidduu jiru akkuma kanas fedha Waaqayyoo duukaa bu’uusaa mirkaneesse.

15:2 “Damee ituu anatti jiruu ijaa hin godhanne hundumaa hin mura, damee isa ija godhatu hundumaa garuu...” luqqisa kana keessatti henna ‘Si’anee mugaan’ (present passive participle) si’a lama caqafame. Mallattoon fayyinaa mutuu ituu hin ta’iin ija qodhachuu dha. (Cf.Maat. 7,16,20;13:18ff; 21:1822; Luq. 6:43-45). Luqqisi kun Yesuus waa’ee (1) Yihuudaan dabarsee isa kennuusaa haasa’aa akka ture ibsa. (Ki.vv.6;13:10; 17:12) yookaan (2) barattoota sobduu/sobaa (ki. 2:23-25; 8:30-47, 1 Yoh. 2:19; 2 pheex. 2). Wangeela Yohaannis keessa sadarkaa amantii kaa’amanii jiru.

▣ **“Inni hin qeexa’u”** kun hiikumasaa isa mul’ataan “ni qulqulleessa” jechuu dha. Jechichi kan inni faayidaarra oole muka wayinii qeexa’uuf “Fiiloo”dhaan ture. (BDBD 386). Kan inni argamus KH keessatti qofa. Jechi kun jecha Yohaannis ‘hiika-lamee’ (dual Connotation) ta’uu isaaf filate dha. (Innis: qeexa’uu fi qulqulleessuu, ki. V. 3; 13:10). Kun henna agarsiiftu si’anee dammaqaati. (Present Active Indicative). Jireenya amantootaa keessatti gidiraan kaayyoo mataa isaa qaba. (ki.vv. 17-22). Baay’isee ija nama godhachiisa, soba saaxila, Waaqayyo irratti akka isaan hirkatanii jiraatan godha. (kanaan ilaali (ki)Maat 13: 20-23, Room. 8:17; 1pheex. 4:12-16). Kitaaboti gaggaariin lama mata-duree/ barnoota/ jabaa kana siif ibsuu danda’an yoo feeteef (1) “Principles of Spiritual growth, Maayels Istaanfoordiin kan barreeffamee fi (2) The Christian’s secret of happy life Haannaa Wiizool Ismiixiin kan barreeffame ilaali.

Boqonnaa 13-17 kan jiru yaada tokko qabaachuu isaa irraa kaanee jecha qulqulleessuu jedhu kana dudduubatti deebisnee boqonnaa 13 keessatti isa miilla-dhiquu jedhu wajjin walitti hidhuu dandeenya. Isaan al-tokko qulqulleeffamaniiru (fayyaifamaniiru) garuu miilli isanii dhiqamuu qaba ture. (Dhiifama gargar hin cinne). Gochimi (verb) henna si’anaa kun bartoota biraan ergaa kana ga’e akkuma 1 Yoh. 1:9 mirkaneessuuf yaaletti. “itti qabatani” jiraachuuf abboomamuu qofa miti kan barbaachisu, qalbii diddiirrammaan walitti fufiinsaan ta’us ni dabalata.

Jireenya amantootaa keessatti kaayyoon dhiphinaa /gidiraa/ isaanitti dhufu kallattii/bifa/ garaagaraa qabaachuu danda'a.

1. Kiristoosiin fakkaachuu guddisa (kanaan ilaali (ki) Ibr. 5:8)
2. Adabbii cubbuun biyya lafaa kana irratti.
3. Salphaadhumatti jireenya biyya lafaa isa kufe kanaas ta'uu danda'a.

Yeroo hundumaa kaayyoo Waaqayyo adda baasuun baay'ee ulfaata, garuu #1 yeroo marayyuu bu'aa argamuu danda'udha.

15:3 “Isin ammuma iyyuu qulqulleeffamtaniitti” jechi “qeexxa'uu” (kathairo) jedhu inni lak. 2 keessaa Afaan Giriikiitti hundee jechaa jecha “qulqulluu” (katharos) jedhu wajjin tokko dha. Kutaan kun walumaagalatti ragaa barattoota dhugaa ta'uu of-keessaa qaba. Jechi ‘Dursee /Ammaan dura’ (Already) jedhu luqqisa Afaan girikii isa bartoota warra kudha-tokkonuuf iddoo isaanii isa amansiisaa isan Kiristoos keessatti qaban ilaalchisee amantii kenneef keessatti irratti xiyyeeffatameera. (Hundee jecha tokko isa Yihuudaa nama biyya keeriyootiif gargaarame waliin madaalamee 13:10 keessatti)

▣ **“Jecha ani isinitti dubbadheerraa kan ka'e”** (Ki. 17:17; Efe. 5:26, 1phee. 1:23)

15:4

NASB, NKJV

“Anatti qabadhaa jiraadhaa, anis isinitti.”

NRSV

“Akkuman isinitti qabadhee jiraadhu, isinis anatti qabadhaa”

TEV

“Anaa wajjin tokkumaa'aa hafaa, anis isinii wajjinan tokkumaa'ee hafaa!”

NJB

“Anaa wajjin hafaa, anis isinii wajjin.”

Kun Aaworistii Dammaqaa Daneessaa Ajaja of-keessaa qabudha. (AORIST ACTUVE UNOERATUVE PLYRAK) (Cf.Wang. Yoh. 6:56, 1Yoh. 2:6) Gaaffiin seer-lugaa gaafatamuu malu gaalee /ciroo hirkataa inni 2^{fiaa}n ibsa ykn madaallii ta'uu isaati. Yeroo baay'ee keeyyata kana keessatti seerri bu'uuraa qorannaa caaffata qulqullaa'aa (Theological doctrinal) kan isaan irratti xiyyeeffatan waa'ee hamma dhumaatti jabaatanii dhaabbachuu qulqullootaati. Fayyinni dhugaan jalqabas dhumas!. Dhugaan qorannaa caaffata qulqullaa'aa kanaa garuu fedhii ofii keenyaa nuti fayyina keenyaa mataa keenyaan mirkaneeffachuuf duudamnuun dagatameera.

Waabdiin (assurance) macaafa qulqulluus kan inni itti idhamee jiru:

1. Amantiitti jabaachuu
2. Jireenya qalbii- diddiirrannaa
3. Abboomamuu itti fufiinsa qabu
4. Ija godhachuu (Ki. Maat. 13:23)

Mata-duree addaa “itti-qabachuu” ilaalchisee 1Yoh. 2:10 irratti caqafame ilaali.

▣ **“Dameen ofiisaan ija godhachuu hin danda'u”** kun dura-aanatti (priority) kennaa/soora/ isa hundumaa caalu irraa argamuu agarsiisa. “Ijaaf” yaadachiisa lak. 5 irra jiru ilaali.

▣ **“Yoo itti qabachuudhaa baatee... yoo natti qabachuudhaa baattan”** warri kun lachanuu isaanii hima ‘kondiishinnaalii’/haalaassaa/ qoodamiinsa /kutaa/ 3^{fiaa} ti. Kunis gocha humna-qabeessa ta'uusaa agarsiisa. Milkaa'inni jireenya hHafuuraa keenya hariiroo wal-irraa hin cinne nuti Yesuusii wajjin qabnu waliin walitti hidhatee jira.

15:5 “Inni anatti qabatee jiraatu, anis isatti jiraadhu, isa ija baay'ee kan godhatu” kun henna si'annee dammaqaan (present Active participle) henna si'anee agarsiiftuun (present Active Indicative) hordofameeti. Tokkummaan itti fufaan kun (innis hariiroo amantii nam-dhuunfaa) madda ija walitti fufiisaan argamuuti. Ija kan inni agarsiisu ilaalchaa fi akkaataa deddeebii amantootaati. (ki. Maat. 7:15-23, Gal. 5: 22-23, 1Qor.13). Yoo amantoonni itti qabatanii jiraataniif, fiixaan ba'iinsii fi ija wal-irraa hin cinne waadaa galameeraaf (cf. Lakk. 16).

▣ **“Anatti gargar baatanii waa tokkollee gochuu hin dandeessan”** kun olta'aa dacha (double negative) jabaa ta'e dha. Kun hima olta'aa dhugaa amansiisaa lak. 5 fi Phil. 4:13 ti.

15:6 “Namni anatti qabatee hin jiraanne, inni hin gatama” kun hima ‘kondiishinaalii’ (conditional – haalessaa) hima haalessaa kutaa 3^{fiaa} ti. Mucf.wayinii hojii mana keessaa fedheefiyyuu hin ta'u. (Qoraan) sababni

isas takkaan barrisee waan dhumuuf (ki. Hisq.15). kun waa'ee Yihuudaa fi tarii ammoo waa'ee Isiraa'el waan eeru fakkaata. Yoo ta'uu baate, amantii sobaa agarsiisuu qaba. (Ki. Maat. 13:41-42, 50 fi 1Yoh. 2:19, Mata-duree addaa 17:12 irra jiru ilaali). Kun dhugumaan fakkeenya bara dhumaa ti. “Guyyaan walitti qabuu” fi “Guyyaan gubuu” hin ta'a. akkaataa nuti itti jiraannu madda jireenya keenyaa ibsa (innis Waaqayyo ykn seecana). Ija isaan godhataniin isan bartu (cf. Maat. 7, Gal. 6:7).

▣ **“Abidda”** Mata-dureewwan adda armaan gadii ilaali.

MATA-DUREE ADDAA: ABIDDAA

Caaffata qulqullaa'aa keessatti abiddi lachanu hiikaa alta'aa fi abdachiisaa /bu'a qabeessa/ ta'aa (positive) ta'e qaba.

A. Ta'aa (Positive)

1. Ho'a (Ki. Isa. 44:15, Wang. Yoh. 18:18)
2. Ifa (Ki. Isa. 50:11, Maat. 25:1-3)
3. Bilcheessuu (Ki. Se.Ba. 12:8, Isa. 44:15-16, Yoh. 21:9)
4. Qulqulleessuu (Ki. Se.Lak. 31:22-23, Fak. 17:3, Isa. 1:25, 6:6-8, Erm. 6:29, Milk. 3:2-3)
5. Qulqullina (Ki. Se.Uum. 15:17, Se.Ba.3:2, 19:18, Hisq. 1:27, Ibr. 12:29)
6. Geggeessaa Waaqayyoo (Ki. Se.Ba. 13:21, Se.Lak. 14:14, 1Moot. 18:24)
7. Aangoo Waaqayyoo (Ki. Hoj. Erg. 2:3)
8. Eegumsa (Ki. Zak. 2:5)

B. Alta'aa (Negative)

1. Gubuu (Ki. Iyy. 6:24, 8:8, 11:11, Maat. 22:7)
2. Mancaasuu (Ki. Uum. 19:24, Se.Leew. 10:1-2)
3. Aarii (Ki. Lakk. 21:28, Isa. 10:16, Zak. 12:6)
4. Adabbii (Ki. Uum. 38:24, Leew. 20:14, 21:9, Iy. 7:15)
5. Mallattoo sobaa bara dhumaa (Ki. Mul. 13:13)

C. Aariin Waaqayyo Cubbuutti aaru bakabuusa abiddaan ibsama

1. Aariinsaa hin boba'e (Ki. Hoos. 8:5, Zef. 3:8)
2. Inni abidda hin dhangalaasa (Ki. Naah. 1:6)
3. Abidda bara baraa (Ki. Erm. 15:14, 17:4)
4. Firdii/Murtoo/ bara dhumaa (Ki. Maat. 3:10, 13:40, Yoh. 15:6, 2pheeex. 3:7-10, Mullata/ mul'ata 8:7, 16:8)

D. Akkuma bakka buusota danuu macaafa qulqulluu keessatti argamanii (kan akka raacitii leenca), akkasumas abiddis akka galumsa isaatti eeba ykn abaarsa ta'uu danda'a.

15:7 “Isin natti qabattanii yoo jiraattanii fi dubbiinkoos isin keessa yoo jiraate” kun hima halessaa qoodamiinsa/ kutaa 3^{ffaa}ti (3rd class conditional sentence.) Kunis jecha humna-qabeessa ta'uu isaa agarsiisa. Kadhannaan battalumatti hin deebi'u! Yesuus bakbuusa (Metaphors) ofisaatii bartoota isaatti qabatee jiraachuu isaa ibsu dubbiinsaa isaan keessa jiraachuu wajjin walitti hidhe. Yesuus abbaa mullise! Barsiisi isaa hundinuus akkasuma turan. Isaan madda mullata wal-jijjijjiiruu danda'ani dha. Wangeelli namas, ergaa dhaas!

▣ **“Waan feete kamiyyuu gaafadhu, innis siif hin ta'a”** kun Aaworitii giddu-galeessa ajaja of keessaa qabu dha. (Aorist Middle Imperative) (Ki. Lak. 16). Gaaleen kun akka malee hiikaa tureera. Barsiisa caaffata qulqullaa'aa mara irratti xiyyeeffadhu malee luqqisa tokko qofaatti fudhattee akka hin dogoggorre of-eegadhu. (Ki. Yaadachiisa 14:13 irra jiru) Mata-duree addaa kanneenis ilaali. Kadhannaa, daangaa kan hin qabne ituma ta'uus daangeffamee kan jiru. 1Yoh. 3:22 irra ilaali.

15:8 “Ulfinni abbaa koo hin argama” jireenyi amantootaa Kiristoosiin fakkaatu, waaqayyoof ulfina kennisiisa akkuma kanas barattoota dhugaa ta'uusaanii mirkaneessa.

Yoh. 13:31-32, 14:13, 17:14, fi Maat. 9:8, 15:31 keessatti, abbaan hojii ilma isaan ulfina argate, ammammoo hojii amantootaan ulfina argata. (Ki. Maat. 5:16) Yaadachiisa 1:14 irra jiru ilaali.



NASB
NKJV
NRSV
NJB
REB
NIV,
Macaafa qulqulluu NET
JB

“Kanaan bartoota koo ta’uu keessan mul’istu/mirkaneessitu”
“Kanaan bartoota koo hin taatu”
“TEV “bartoota koo hin taatu”
“bartoota koo ta’aa”
“Kanaan bartoota koo ta’aa”
“Good speed “bartoota koo ta’uu keessan mul’isuudhaan”
“bartoota koo ta’uu keessan mul’isaa”
“Yemmus bartoota koo hin taatu.”

Garaagarummaan uumame kun jijjiirama henna (Tense) gochima (Verb) irratti mul’ate irra ka’eeti.

1. Aaworistii hawwii agarsiisu (AORIST SUBJUNCTIVE)..MSS p⁶⁶, B,D,L
2. Agarsiiftuu egeree (FUTURE INDICATIVE), MSS____, A.

Jireenyi (Iji) amantoota eenyuu akka isaan ta’an agarsiisa! Hennaan gochimaa (VERB TENSE) hamma dhugaa jireenya jijjiiramee fi milkaa’ee jaalala, abboomamuu fi tajaajila of-keessaa qabuu bu’aa hin qabu. Warri kun mallattoo amantoota dhugaati. Nuti jaalala, abboomamuu fi tajaajila keenyaan fayyifamne miti, (Efe. 2:8,9), garuu kanneen kun ragaa amantoota dhugaa ta’uu keenyaati. (2:10)

Jechi “bartoota” jedhu wangeela Yohaannis keessatti amantoota fi duka-buutota dhugaa warra jaalala waaqayyoo raawwatani fi amala isaa caliqqisiisan ibsuuf faayidaa irra oole. Yohaannis jecha “Manasagadaa/Waldaa-kiristiyaanaa” (ekkllesia) jedhu hin gargaaramu (Si’uma) naquma tokkoofillee, kanaafuu, “Bartoota” kara inni ittiin tokkummaa fi walitti-qabama kiristiyaanotaa ibsu ta’a. Bartootummaan /Duuka-buutummaan (Discipleship)/jireenya guyyaa guyyaa jaban isa haaraa, jabana moofaa keessa jiraatamu dha. Innis ol-aantummaadhaan jaalala, ifa, abboomamuu fi tajaajilaan waageffama. (waaqeffama-characterized by). Kanaan Ormoonni akka isaan bartoota Yesuus ta’an beeku.

15:9 “Akkuma abbaan na jaallate, anis akkasuma isin jaalladheera” Hariiroon sansalata jaallachuun/jaalalaan uumame kun maatii waaqayyoo ibsa, abbaan ilma jaallata, ilmi duuka-buutota isaa jaallata, duuka-buutonni isaa walii isaanii jaallatu.



“Jaalala kootti qabamaa jiraadhaa” kun Aaworistii dammaqaa ajaja of-keessaa qaba (AORIST ACTIVE IMPERATIVE) dha. Amantoonni:-

1. Kadhannaatti (Lakk. 7, 14:14)
2. Aboomamuutti (Lakk. 10,12,14:15, 21,23,24)
3. Gammachuutti (Lakk. 11)
4. Jaalalatti (Lakk. 12, 14:21, 22, 24) qabamanii akka jiraatan abboomamaniiru.

Kanneen kun martinuu ragaalee hariiroo nam-tokkeen waaqayyoo wajjin qabuuti. Mata-duree addaa: Itti qabachuu 1Yoh. 2:10 irra ilaali.

15:10 “Abboommii koo yoo eegdan” kun HIMA HAALESSAA HIRMAMA 3^{FFAA} (3rd CLASS CONDITIONAL SENTENECE) dha. Kun jecha humna qabeessa ta’uu isaa agarsiisa. Abboomamuun mallattoo duuka-buutuu/bartuu dhugaa ta’uuti. (Ki. 8:31, 14:15-21, 23-24, Luq. 6:46)

Yesuus fakkeenya kanaan amanamummaa abbasaatiif qaba ibse.



“Jaalala” jechi Giriikii jaalala ibsu (agape) afoola Giriikii durii keessatti hojii irra hin oolle hamma waldaan kiristiyaanaa karaa adda ta’e itti gargaaramuu jalqabdutti. Akka arjumaatti, aarsaatti, amanamummaatti, jaalala ho’aatti itti gargaaramuun jalqabame. Jaalalli gochaa dha, miira jabaa ta’e tokko miti. (Ki. 3: 3:16). ‘Agape’ inni Kakuu Haaraa(KH) qorannaa caaffata qulqullaa’aa keessatti jecha ‘hesed’ jedhu waliin wal-fakkaata. ‘Hesed’ jechuun waadaa amanamummaa fi jaalalaatti hiikama.



“Akkuma ani abboommii abbaa koo hundumaa eege” kun henna agarsiiftuu dammaqaa faf-dhabeeti. (PERFELT ACTIVE INDICATIVE) Akkuma Yesuus abbaa isaa wajjin hariiroo qabu, akkasuma amantootis Yesuusii wajjin hariiroo qabaachuutu irraa eegama. Abbaa fi ilma gidduu tokkummaan jira, tokkummaan kunis amantoota gidduutti babal’achuu qaba. (Ki. 14:23)

15:11 “Gammachuu keessanis akka guutuu ta’uuf” Amantoonni gammachuu Yesuus qabaachuu qaba. (Ki.1713). Gammachuunis mallattoo bartuu dhugaa ta’uu keessaa isa tokko dha. (Ki. 15:11(Si’alama); 16:20,21,22,24; 17:13). Addunyaa kana keessa waraansaa fi gidiraatu jira, Kiristoos keessa gammachuu, gammachuu guutuu, gammachuu isaatu jira. Kitaabi “NIDOTTE” qabiyyee 1 (VOL.1), fuula (page.p) 741, irratti “gammachuu” fi “guutuu” ilaalchisee barreeffamoota Yoh. keessatti akkamitti akka isaan wal-faana gargaaraman ibseera.

“Ergaa Yoh. Fi Johaaniin keessatti walitti hidhata irra deddeebi’ee mula’tutu gammachuu (chara) akka matimaatti (subject) fi akka gochimaattimmoo (Verb) pleroo gidduutti keeyyaticha hunda keessatti argama. Gammachuun kun gammachuu Yesuus, (Yoh. 5:11, 17:13) isa inni dhufaatii isaatiin, (3:29) dubbii isaatiinii (15:11, 17:13), fi deebi’ee gara bartoota isaa dhufuu isaatiin (16:22) (15:11, 17:13) fidee dhufe. Gadda isa garaa/laphee/ isaanii keessa guute sana bakka bu’a. (16:16,20). Kanaaf, gammachuun Kiristoos gammachuu isaanii ta’a. (15:11, 16:24, Ki. 1Yoh. 1:4) Gammachuun kunis adeemsa isaan Yesuusii wajjin qaban keessatti jireenya isaanii ibsa, guutuu ta’aa deemas. (Yoh. 3:29, 15:11, 16:24, 17:13, 1Yoh. 1:4, 2Yoh. 12). Keeyyatichi kan inni irratti xiyyeeffatus gammachuu kana kan fiixaan baasu waaqayyo ta’uu isaati.”

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 15:12-17

¹² “Abboommiin koo isa kana, ani akka isin jaalladhe, isinis wal-jaalladhaa! ¹³ Namni tokko firoota isaatiif jireenya isa dabarsee kennuu irra kan caalu, jaalala guddaa qabaachuu hin danda’u. ¹⁴ Waanan isin abboome yoo gootan, isin firoota kooti, ¹⁵ Ani garboota isiniin hin jedhu, garbichi waan gooftaan isaa godhu hin beeku’oo, ani garuu firootakoo isin jedheera, waanan abbaa kooirraa dhaga’e hundumaas isin beeksiseera. ¹⁶ Isin ana hin fo’anne, anatu isin fo’ate, dhaqxanii akka ija godhattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf, maqaakootiin abbaa waan kadhattanis akka inni isiniif kennuuf, anis isin kaaseera. ¹⁷ Kana hundumaa akka isin wal-jaallattaniifan isin abbooma” jedhe.

15:12 “Abboommiinkoo isa kana” Yesuus jecha kana si’a baay’ee irra deddeebi’a. (Ki. 13:34, 15:17; 1Yoh. 3:11, 23; 4:7-8, 11-12, 19-21; 2Yoh. 2:5).

☐ **“akka isin wal-jaallattan”** kun henna si’anee dammaqaa ajaja of-keessaa qaba. (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE), ajaja walitti-fufaa dha. Jaalalli ija hHafuuraati. (Ki. Gal. 5:22). Jaalalli miira miti gocha malee! Hiikoon isaa jechoota gocha agarsiisaniin ibsama. (Ki. Gal. 5:22-23; 1Qor. 13)

☐ **“ani akkanisin jaalladhe”** kun Aaworistii dammaqaa agarsiiftuu (AORIST ACTIVE INDICATIVE) dha. Kun tarii agarsiiftuu fakkiduu (figurative reference) fannooti. (Ki. Lakk. 13). Ammas, jaalala addaa ofii ofii dabarsanii kennuun of-keessaa qabu isa kan Yesuus amantoonni agarsiisuu qabani dha. (Ki. 2Qor. 5:14-15); Gal. 2:20, 1Yoh 3:16)

15:13 “Namni tokko firoota isaatiif jireenya isaa dabarsee kennuu” kun waa’ee isa adda ta’ee fi iddoomsa (substitutionally) aarsaa Yesuus ibsa. (Ki. 10:11, 15,17,18; Maarq. 10:45; Room 5:7-8; 2Qor. 5:21; Isaa. 53(. Jaalalli kun hojjiin mul’ate. Kanadha kan bartoonni akka raawwataniif /hojjettaniif itti waamaman. (Ki. 1Yoh. 3:16).

15:14 “Isin firoota kooti” kun maqaa Afaan Giriikii ‘Fiiloos’ jedhu kan yeroo baay’ee jaalala hiriyummaa /firummaatti (Fiiliyoo(Phileo)) hidhatu dha. Afaan Girikii durii keessatti “Agaappeewoo (Agapao)” fi “Fiiliyoon (phileo)” gochimata yeroo mara hiika tokko qabaniif fi jaalala waaqayyoo ibsan turan (Madaali 11:3 (Fiiliyoo (phileo)) fi 5 (Agaappeewoo (Agapao))); 5:20 keessattis Fiiliyoon (phileo) akka jaalala waaqayyootti kaa’ameera.

☐ **“Waanan isin abboome yoo gootan”** kun hima haalessaa hirmama 3^{ffaa} ti. (3rd CLASS CONDITIONAL SENTENCE) kun jecha humna-qabeessa ta’uu isaa agarsiisa. Haala firoomni ittiin uumamuu danda’u ibsa, innis abboomamuudaani. (Ki. 14:15; 23-24; 15:10; Luq. 6:46). Akkuma Yesuus abbaa isaatti qabatee fi jaalala isaatti qabamee jirate, akkasumas bartoonni isaas gochuu qabu.!

15:15 Yesuus bartoota isaa waa’ee (1) dhugaa waaqayyoo fi (2) taateewwan gara fuul-duraatti ta’anii hubannoo kenneef. Bartoonni isaa akka isaan amantii fi amanannaatti guddataniif inni aangoo isaa agarsiisa. Yesuus wanta

abbaa isaa irraa dhaga'ee ture bartoota isaaf qoodeera. (Ki.3:32; 8:26, 40; 12:49; 15:15); isaanis kana warra kaanitti dabarsuutu irraa eegama ture. (Ki. Maat. 28:20)

15:16 “Isin ana hin fo’anne, anatu isin fo’ate” kanneen kun gosoota seer-lugaa kanneen furtuu ta’anidha.

1. gochimootni lamaan Aaworistii G/galeessa Agarsiiftuu (Aorist Middle Indicative) dhaan kaa’aman-Yesuusuma mataa isaatu bara baraan isan filate (Ki. 6:70, 13:18; 15:16,19)
2. “Allaa” jabaa (garuu) DIINA
3. “Igo (ego)” xiyyeeffatan ykn hima “Anaa” (“I” statement)

Kun madaallii deebii dhala-namaa fi filatamuu gidduu jiru dha. Lachanuu barsiisa caaffata qulqullaa’aati. Yeroo hundumaa waaqayyo nama dadammassa (Ki. 6:44, 65;15:16,19), garuu ilmoon namaa jalaa awwaachuu qaba. (Ki. 1:21, 3:16; 15:4,7,9). Yeroo mara/hundumaa karaa itti waaqayyo dhala-namaa wajjin wal-quunnamu /walitti dhufu hariiroo kakuutiini. (“Yoo... achii...”) (If.... then) Mata-duree addaa 3:16 irraa ilaali.

Kutaa kana keessatti gochimi “filatamoo” jedhu bartoota 12’n agarsiisa. Jechi “filatamoo” jedhu hiikaa “tajaajilaaf filatamoo” jedhu of-keessaa qaba. Kakuu Moofaa(KM) keessatti; Kakuu Haaraa(KH) keessatti qofa ture kan jechi kun hiika “fayyuuuf filatamoo” jedhu dabalatee mul’ate. Amantoonni KH Kiristoosiin fakkaachuuf filataman, kunis tajaajila, arjummaa, fi aarsaa mootummaa waaqayyoof, qaama Kiristoos, qabeenyaa walii galaati. Kunis agarsiisa gaarii ofittummaan kufaatii sun cabuu isaa eerudha.

Wangeela Yoh. Keessatti anta Yesuus bartoota 12’n ilaalchisee jechaa ture amantoota hundumaaf akka ta’uu fi akka ilaallatu beekamaa dha. Ija bartuu ta’uu isaa jalqabaa bakka bu’u, garuu hariiroon isaanii:-

1. dhuga-baatuu ijaan arge waan ta’eef adda (i’e. Kaka’umsa)
2. amantoota hundumaaf ta’a akkuma fedhiin /Hawwiin Yesuus isaaniif qabu, kan isa amananii fi duukaa- bu’an hundumaaf tokko ta’e.

▣ **“dhaqxanii akka ija godhattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf kaafamtaniittu”** kunneen sadan hennaa si’anee dammaqaa hawwiiti (PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVES): (1) Dhaqaa (2) Ija godhadhaa; fi (3) Ijichis haa jiraatu. Amantoonni ergaa qabu/ irra jiru. (Ki. Maat. 28:19-20, Luq. 24:46-47; Hoj. Erg. 1:8). Hiikaan caaffata qulqullaa’aa jecha “kaafamtaniittu” jedhuun Hoj. Erg. 20:28; 2 xiim, 1:11 irraa argamuu danda’a. Amantootaaf jedhee du’uu kiristos keessattis gargaaramamee jira. (Ki. 10:11, 15,17-18; 15:13).

▣ **“Maqaakootiin”** Amantoonni amal Kiristoos baay’isuu qabu. Gaaleen kun gaalee “fedha waaqayyoo” jedhu isa 1Yoh. 5:14 keessaa wajjin wal-fakkaata. Qixa kanatti jaalalaa fi kadhannaan deebii argate walitti hidhamanii jiru akkuma 14:13-15 keessaa Mata-duree addaa” Maqaa Gooftaa Yoh. 14:14 irraa ilaali.

15:17 “Kana hundumaa akka isin wal-jaallattaniifan isin abbooma” yaadachiisa lakk. 12 irra jiru ilaali. Kadhannaan deebi’e jaalalaa fi ergamaa wajjin hidhata qaba.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 15: 18-25

¹⁸ “Biyyi-lafaa yoo isin jibbe, isin dura akka ana jibbe beekaa! ¹⁹ Kan biyya lafaa ituu taatanii, biyyi lafaa akka kan isaatiitti isin hin jaallata ture, amma garuu anatu biyya lafaa keessaa isin fo’ate malee, isin kan biyya lafaa waan hin ta’iniif, biyyi lafaa isin hin jibba. ²⁰ Dubbii ani, “Hojjetaan isa hojjechiifatu irra hin caalu” jedhee isinitti hime yaadadhaa! Kanaaf na ari’atanii yoo jiraatan isininiis hin ari’atu; dubbii koo eeganii yoo jiraatan dubbii keessanis hin eegu. ²¹ Sababii kootiif jedhanii kana hundumaa isin irratti hin raawwatu, isa na erge sana hin beekani’oo! ²² Utuu ani dhufee isaanitti hin dubbanne ta’ee, cubbuu isaaniitti hin ta’u ture, amma garuu cubbuu isaaniif waan itti qabatan hin argatanii ²³ Namni na jibbu, abaakoos immoo hin jibba. ²⁴ Utuu hojii namni biraa tokkollee hin hojjetiin kana hundumaa, ani isaan gidduutti hin hojjenne ta’ee, cubbuu isaaniitti hin ta’u ture, amma garuu hojii kana hundumaa utuma arganii anas abbaakoos hin jibban. ²⁵ Kana gochuun isaaniis, dubbiin seera isaanii keessatti, ‘Sababuma malee na jibban’ jedhamee caafame akka raawwatamuuf.

15:18 “Yoo” kun hima haaleessaa hirmama jalqabaa /11^{fiaa}ti. (FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE). Kaayyoo isaa isa mul’ataa ykn ilaalcha bareessaa irraan akka waan dhugaa ta’eettidha kan tilmaamamu. Biyyi lafaa, sirni ilmoo namaa kufaatii, duuka-buutota Yesuus hin jaallatu.

▣ **“Biyya lafaa”** Yohaannis jecha kana karaa baay’ee itti gargaarama: (1) Pilaanetii, akka bakbuusa (metaphoe) sanyii namaa hundumaatti. (Ki. 3:16) fi (2) akka hawaasa ilmoo namaa waaqayyo malee walitti qabamee fi jiraatuu (Ki. 10:8; 1Yoh.2:15-17). Mata-duree adda ilaali 14:17 irraa.

▣ **“Isin jibbe”** kun henna si’anee dammaqaa agarsiiftuu (PRESENT ACTIVE INDICATIVE) dha, biyyi-lafaa jibbisaa ittuma fufa (Ki. Lak. 20).

▣ **“beekaa”** kun henna si’anee dammaqaa ajaja of-keessaa qabu dha. (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE). Beekumsa dhugaa Kakuu Haaraa(KH) amantoonni qaban akka isaan ari’ataman biyya-lafaa kufe kanaan itti dhufu akka damdamatan godha.

▣ **“isin dura akka na jibbe”** kun henna agarsiiftuu dammaqaa faf-dhabati. (PERFECT ACTIVE INDICATIVE). Qoodi maqaa ‘Ana’ jedhutti xiyyeeffannaan kennamee jira. (Ki. 7:7). Kun mormii biyyi lafaa waaqayyoof, masii isaaf, saba isaaf qabu mul’isa. (Ki. 17:14, 1Yoh. 3:13).

Amantoonni jaalalaa fi ari’atamuu Kiristoos keessatti tokko. (ki. Room. 8:17; 2Qor. 1:5,7; Fil.3:10; 1phees. 4:13). Gooftaa /Kiristoosii wajjin adda ba’uun nagaan, gammachuu, ari’atamuu fi du’allee ni fida!

15:19 “Yoo” kun hima haalessaa hirmama 2^{ffaa}ti (SECOND CLASS CONDITIONAL SENTENCE) “Fallaa haqaa” jedhamee waamama. Kunis akkasitti hiikamuu mala. “Ituu kan biyya lafaa taataniittu ta’ee, amma garuu hin taane, silaa biyyi-lafaa isin jaallata ture, garuu amma isin hin jaallatu!”

15:20 “Yaadadhaa” kun akkuma lakk. 18 hennaa si’anee dammaqaa (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE) ajajjuu dha. Ykn henna si’anee dammaqaa agarsiiftuu, tarii gaaffiiti. (LB).

▣ **“Hojjetaan isa hojjechiifatu irra hin caalu”** yemmuu luqqisa 13:16 waliin madaalamu, Yesuus jechoota fakkeenya karaa garaa garaa itti gargaaramuu isaa ibsuu akka ta’e beekamaa dha.

▣ **“Na ari’atanii yoo jiraatan, ... dubbiikoo eeganii yoo jiraatan”** himoota haalessaa hirmama 1^{ffaa} (1st CLASS CONDITIONAL SENTENCES) lamatu jiru kanneen ilaalcha barreessichaa irraan dhugaa ta’uun isaanii tilmaamame. Jechi ‘ari’atamuu’ jedhu akka bineensa daggalaatti adamsuu jechuu dha. Biyya lafaa kufe kana keessatti amantootaaf ari’atamuun barmaata (norm) dha (Maat. 5:10-12; Yoh. 16:1-3; 17:14, Hoj.Erg.14:22; Room. 5:3-4; 8:17; II Qor. 4:16-18; 6:3-10, 11:23-30; Fil. 1:29; 1Tes. 3:3, 2Xiim. 3:12; Yaa’iqoob 1:2-4; 1pheex. 4:12-16).

Ituma ta’uus, yoom namoonni tokko tokko barsiisa bartootaa tuffatanii fi isaan ari’atan illee, kanneen dubbii kana dhaga’anii deebi’an akka jiranis hubadhaa. Isaanumti mataan isaaniyyuu mirkaneessitoota dhugaa kanaati!

15:21 “ Isa na erge sana hin beekani’oo” Akkuma beekamu kun abbaa agarsiisa. Kun kan inni agarsiisu Yihuudonnis ta’e Ormoonni akka waaqayyoon hin beekne dha. “Beekuu” jechi jedhu kan inni itti gargaaramame karaa hariiroo nam-dhuunfaa (personal) seemummaa (semitic) ti. (Ki. Uum. 4:1; Erm 1:5). Biyyi lafaa manca’e kan inni amantoota ari’atuuf (1) kan Yesuus isa isaan ari’atanii waan ta’aniifi (2) Waaqayyoon hin beekan waan ta’eef.

15:22 “Ituun hin dhufne ta’ee” kunimmoo hima haalessaa hirmama 2^{ffaa} (2nd CLASS CONDITIONAL SENTENCE) kan biraa dha. Kunis “faallaa haqaa” ti. Akkasitti hiikamuu ni mala, “Ituun deebi’ee dhufee isaaniitti hin dubbanne ta’ee, garuu godheera, silaa cubbuu isaaniitti hin ta’u ture, garuu amma isaanitti ta’eera.” Ittii-gaafatamummaan beekumsa irratti hundaa’a (Mata-duree addaa: “Cubbuu dhiifama hn qabne” 5:21 irra ilaali). Qixa kanatti damoonni ija hin godhanne (isaanis Yihuudaa fi Yihuudonni) beekumsicha argachuuf, warra kaan akkasumaan mul’ata uumamaa qofa qaban (isaanis, Ormoota, Ki. Faar. 19:1-6, Room1:18-20 ykn 2:14-15) caalaa carraa qabu turani.

15:23 Mormii walitti fufaan Yesuus irratti godhamu mormii walitti fufaa (wal-irraa hin cinne) waaqayyo irratti godhamudha. (Ki. Lakk. 24; 1Yoh. 5:1)

15:24 “Yoo” kunis hima haalessaa hirmama 2^{ffaa} (2nd CLASS CONDITIONAL SENTENCE) kan biraa, “faallaa haqaa” agarsiisu dha. Akkasitti hiikamuu ni mala. “Ituu hojii namni biraa tokkollee hin hojjetiin kana hundumaa ani isaan gidduutti hin hojjenne ta’ee (garuu hojedheera), silaa cubbuu isaanitti hin ta’u ture, amma garuu cubbuu itti ta’eera.

Ifi itti-gaafatamummaa fida (Ki. 1:5; 8:12; 12:35,46; 1Yoh. 1:5; 2:8,9,11; Maat. 6:23)

☐ **“Hojii kana hundumaa utuma arganii anas abbaakoos hin jibban”** lachanuun isaaniyyuu henna dammaqaa agarsiiftuu faf-dhabee (PERFECT ACTIVE INDICATIVE) ti. Isaanis yaada /ilaalcha (attitude) tasgabbaa’e agarsiisu. Yesuusiin tuffachuun abbaa tuffachuu dha. (Ki. 1Yoh. 5:913)

15:25 Jechi “Seera” ykn “Toorah/(Torah)” jedhu jecha Faar. 35:19; 69:4 irraa fudhatame ibsuuf itti gargaaramuun isaa ajaa’iba. Yeroo baay’ee jechi kun kan inni itti gargaaramamu barreeffamoota/macaafota Musee keessatti Uumamaa hamma keessa deebiitti.

Dhossaan warri Yihuudotaa, mul’ata akkasii keessa ituu jiranii Yesuusiin tuffachuu fedhii isaaniin waaqayyotti amanuu waan didaniifi. (Ki. Isaa. 6:9-13; Erm 5:21; Room. 3:9-18)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 15:26-27)

²⁶“**Hafuura isa isiniif dubbatu, abbaa biraa isiniif nan erga; hafuurri dhugaa inni abbaa biraa ba’u sun yemmuu dhufu, anaaf dhugaa hin ba’a.** ²⁷Isinis immoo jalqabaa jalqabdani anaa wajjin waan turtaniif, dhugaa hin baatu!”

15:26 “Hafuura isa isiniif dubbatu, isan isiniif ergu” lachanu abbaa fi ilmatu hHafuura erga. (Ki. 14:15, 26, 15:26; 16:17). Hojiin fayyisuu qaamota sadan, sadan tokkummaa waaqayyoo of-keessatti hammata.

☐ **“Hafuura dhugaa”** kun hafuurri qulqulluun mul’isaa Abbaa ta’uu isaa ibsuuf gargaaramame. (Ki. 14:17. 26; 15:16; 16:13) Mata-duree addaa dhugaa irratti 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

☐ **“Inni anaaf dhugaa hin ba’a”** Hojiin hafuurichaa waa’ee Yesuusii fi barsiisa isaa dhugaa ba’uudha. (Ki. 14:26; 16:13-15; 1Yoh. 5:7)

15:27 “Isinis immoo dhugaa hin baatu” “Isinis immoo ...” jechi jedhu jecha xiyyeeffannaati. Kun henna si’anee dammaqaa agarsiiftuuti. (PRESENT ACTIVE INDICATIVE). Kun dirqama kan inni agarsiisuu qabu kaka’umsa barreessitoota KH (Isaanis bartootaa fi firoottan/hiriyyoota isaanii) warra yemmuu Yesuus biyya-lafaa irra jiraachaa ture isaa wajjin turaniiti. (Ki. Luq. 24:48) Mata-dureewwan adaa: dhuga-baatota Yesuus 1:8 irraa fi namaa-dubbachuu hHafuura 14:26 irraa ilaali.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasuu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. “Itti qabachuun” maalfaa of-keessatti hammatee?
2. Amanaan tokko yoo itti qabatee jiraachuu dhaabe maal ta’aa? Yoo ija dhabe’oo?
3. Mallattoowwan duuka-buutuu/bartuu dhugaa tarreessi!
4. Yoo gidiraan/rakkinni barmaata (Norm) kiristiyaanotaa ta’ee, kun har’a nuuf maal jechuu dhaa?
5. Lakk. 16 jecha mataakeen ibsi.

YOHAANNIS 16

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Jibba biyya lafaa	Mormii dhufaa jiru			Duuka buutotaa fi biyya lafaa
(15:18-16:4a)	(15:26-16:4)	Hariiroo kiristaanotni biyya lafaa waliin qaban	(15:18-16:4a)	(15:18-16:4 ^a)
Gahee Hafuuraa		16:1-4a	Hojii Hafuura qulqulluu	Guyyaan sun dhufuu isaa
16:4b-11	Hojii Hafuura qulqulluu	16:4b-11	16:4b-11	16:4b-15
	16:5-15		16:12-15	
16:12-15		16:12-15		
Gaddi gammachuutti in jijjiirama.	Gaddi gammachuutti in jijjiirama		Gaddaa fi gammachuu	Yesuus dafee ni deebi'a
16:16-24	16:16-24	16:16-24	16:16	16:16
			16:17-18	16:17-28
			16:19-22	
			16:23-24	
Ani mo'eera	Yesuus kiristoos biyya lafaa mo'eera		Infifannoo biyya lafaa	
16:25-33	16:25-33	16:25-28	16:25-28	
		16:29-33	16:29-30	16:29-33
			16:31-33	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

- A. Qabiyyeen ogbarruu 15:18-16:4^a tti kan deemudha. Boqonnaa qoqqooduun ibsa miti, dabalata guddaas miti, akkuma keeyyataan qooduu, qubguddeessa, sirna tuqaalee fi baafataan qooduuti.
- B. Dalagni Hafuura qulqulluu qaama Hafuuraan bu'uu lakk. 8-11 tti murteeffameera, warra fayyaniif dalagni isaa lakk. 12-15, Saamu'eel J. Mikolascf.Kakuu Haaraakeessatti, Artikilii isaa kan “The Theology of the New Testament” kan “*The Exposition Bible Commentary*, Vol (Jildii)1. keessatti argamu qabxii cuunfaa baay'ee barbaachisaa ta'edha.
“Seera bu'uura kakuu Haaraaf,
“The NT doctrine of sanctification, while closely allied to Justification, is never theless distinct from it. As in the OT, Sanctification points first to the separateness, the holly transcendence of God-and second, to a moral quality and relationship that is God like. Sanctification is the Work of the Holy spitit, who unites a person with Christ and renew shis life spiritually. The New Testament language entails the baptism in the spirit (I Qor. 12:13); the seal of the spirit (Eph. 1:13;14;:4:30) the undewerring of the spirit (John 14:17; Rom 5:4; 8:9-11; I Qor. 3:16; 6:19; 2Tim 1:14). Instruction by the Spirit (John 14:26; 16:12-15), the filling of the spirit (Eph. 5:18) and the fruit of the spirit (Gal 5:22,23). Sanctification is related to Justification, which is standing before God (Heb 10:10) and may be thought of as development in to a new ideal” (P.474).
- C. Lakkoofsi 17, akkuma 13:36, 14:5 fi 22, Gaaffii biroo Ergamootaan ka'edha.
- D. Amantii hedduun 14:31 irraa “koottaa Asiin haa deemnuu” jedhu isa 18:1 irra jiruun wal-qabatee kan Yesuus boqonnaalee 15-17 tti dubbate gara Geeta Samanee deemuuf mana qulqullummaa *bill* qabuu fi daandii Yerusalem malee, kutaa mana ol aantu miti.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 16:1-4

¹Yesuus itti fufee, Ani kana hundumaa, karaa irraa akka isin hin gufanneefan isinitti hime. ²Manneen sagadaa isaanii keessaa isin in baasu: caalaadhumatti iyyuu yeroon itti isin ajjeessan in dhufa. Namni isin yoo ajjeeses waaqayyoof waan hojjetu isinitti fakkaata. ³Isaan abbaa ykn anas waan hin beekiiniif kana hundumaa in godhu. ⁴Egaa yeroon, kun hundinuu itti ta'u yemmuu ga'u kana isinitti himuu koo akka yaadattaniifan kana isinitti dubbadhe. Ani jalqabatti dubbii kana isinitti hin himne, yemmus ofii kootii isin wajjiinan ture.” Jedhe.

16:1

NASB “Karaa irraa akka isin hin gufanneefan isinitti hime”:-

NKJV “Akka isin hin gufanneef”

NRSV “Gufannaarraa akka of eegan”

TEV “Amantii keessan akka hin ganneef”

NJB “Akka isin hin kufneef”

Kunis Miirsoo dhimmaa'ina Alsiaayinaati (AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE) jechi Giriik kun (“AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE”) kan “skandalizo” jedhu, BAGD 751). Kiyoo diriirsanii bineensota qabuuf dursee tajaajilaa ture. Innis yeroo mara “Kufuu” kan jedhuun hiikama. (cf. Mat 13:21;24:10; Mar. 4:17:14-27, 29) kan inni bakka bu'ee tajaajilus hordoftoota Yihuudaan xaxoo qophaa'een Amantootni akka hin qabammedha.

16:2 “Mana sagada isaanii keessaas isin in baasu” kunis duree waaqeffannaa Yihudootaa keessaa baasuu isaanii ibsa. (cf. 9:22,34;12:42) waantotni waliin waaqeffannaa Yihudootaa keessatti osoo hin beekkamne seera hedduu qaban jiru. Yeroof ykn guutamaatti mana sagadaa keessaa baasuun tareera. Bood, erga Yersaalem kuftee bara 70 Dh k.B, harka Palestaayin Jamaniyaa keessatti, seerri Amantii Yihudootaa “seera kakuu” baase.

Yesuusiin wal qabatee, akka kiristaanota manneen sagadaa keessaa baasan godhe. Kunis gara boodaa gargar ba'insa hordoftoota Kiristoosii fi Yihudoota mana sagadaa warra hurrii ba'anii fide.

▣ **“Namni isin ajjeese waaqayyooftaan waan hojjetu isinitti fakkaata”** kun guutumatti waan geggeessitootni Yihudaa (cf. Isa 66:5; Mat. 5:10-12, 10:32) yaadanidha. Saa'ool Tarshiishitti (phaawuloos) Amantiin gowwaa ta'uun isaa fakkeenya gaarii ta'a.. (cf. Hoer 26:9-11, Gal. 1:13-14).

16:3 “Kana hundumaa in godhu” Falmii fi komiin qaama ol-aanaaf hin ta'u. afuurri Hamaan, dogoggorri fi sodachisuun yeroo maraa maqaa Waaqayyoon ta'aa ture.

▣ **“Isaan abbaa yookiis ana waan hin beekneef”** jechi “beekuu”/to know/ jedhu kan ibsu Kakuu Moofaakeessatti Hariiroo namootaati (cf. Uma. 4:1, Erm. 1:5). Kunis irra caalatti kan inni ibsu Yesuusiin mormuun ykn wallaaluu kallattumaan Abbaan mormuu/Abbaas wallaaluu kan jedhu dha. (cf. 8:19; 15:21; 1Yoh 5:9-12).

Yohaannis yeroo maraa jaamummaa Hafuura fi Jibba biyya lafaa ni ibsa. (cf. 1:10; 8:19,55; 15:21; 16:3; 17:25) ta'ullee kaayyoon Ilmi Waaqayyoo dhufef biyya lafaa fayyisuuf (cf. 3:16) fi Akka biyyi lafaa Abbaa beektuuf ibsuuf ture. (cf. 17:23) karaa Kiristoosiin.

16:4 Tilmaamni Iyyasuus duuka buutota isaaf amantii isaanii jajjabeessuuf ari'atamuu fi mormii keessatti akka jajjabinaatti kan kennamedha. (cf. 13:19; 14:29).

“Yeroo jalqabaaf” kan jedhu hojii yesuus jalqabatti ifumaan ifatti hojjetee fi waamicha addaa warra kudha lamaaniif ta'e kan ibsu dha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 16:5-11

⁵Yesuus amma garuu gara isaa na argee nan dhaqa, isin keessaas tokko illee eessa dhaqxa? Jedhee ana hin gaafatu* ⁶Waan ani kana jedheef immoo garaan keessan baay'ee gaddeera. ⁷Dhuguman isinitti hima yoon adeeme isiniif wayya, yoon adeemuudhaa baadhee inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu, ani yoon dhaqe isa isiniifan erga. ⁸Inni yemmuu dhufu, waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa, waa'ee firdiis, biyya lafaa in hubachiisa* ⁹Isaan waan natti hin amanneef, cubbuu isinii in argisiisa. ¹⁰Ani gara abbaa dhaquu kootiin, isinis na arguu dhabuudhaan qajeelummaakoo in argisiisa. ¹¹Isa biyya lafaa kana abboomutti faradamuu isaatiin firdii in argisiisa.

6:5 “Isin keessaa tokko illee eessa dhaqxa? Jedhee ana hin gaafatu” kuni pheexiroos gaaffii kana boqonnaa 13:36 irratti baa'ee waan gaafate fakkaata; garuu battalumatti yaadni sammuu isaa ol-aantummaa Yesuus isaan dhiisee deemuu fi itti fufees gaaffiin maaltu isaanirratti akka ta'uuf jiruun ilaalchisee ni tamsa'e. (cf. Lak. 6) Yohaannis 14:1-3 Yesuus gara bantii waaqaatti ol-fudhatamuu isaa kaa'eera. (cf. Hoer 1:9-11).

Kunis bakka baay'ee garii, bakka itti ofis ilaalu, wangeelotni Af seena miti, “jette- jettees (word for word) miti, caaffata qulqullaa'aa dubbii Yesuusi malee. Innis cuunfaa waggootaan booda kaayyoo Tiyoooloojii ta'edha. Barreessitootni wangeelaas, ibsa kana jalatti, carraa filachuu, tartiibessuu, fi Amaleeffachuu (ofitti fudhachuu) dubbii Yesuus ni qabu ture. (“to or don fee and Dougals stuart, *How To Read the Bible for All it is Worth*” kan jedhu dubbisi) jechoota Afaan Yesuus keessa kaa'u jedhee hin amanu. Caasoffamni Tiyoooloojii **kaa waaa** dubbii Yesuus, barsiisa isaa fi gocha isaa hirmaattota adda ba'aniif dhuga ba'umsa ta'u, tarii garaagarummaa ilaalcha wangeelaa ta'uu danda'a.

16:6 “Garaan keessan baay'ee gaddeera” kunis Agarsiisa si'aayina sirriiti. Kutaan manaa inni ol'aanu gaddaan guuteera (cf. 14:1;16:6,22) jechi “onnee/heart” jedhu akka ilaalcha Ibirootaatti Guutummaa namaa sammuusaa, dhaga'insa isatti mul'atu, fedhiisaa hundaaf tajaajila mata-duree adda “Onnee/Heart/jedhu 12:40 irraa ilaali.

16:7 “Yoon Adeeme isiniif wayya” Qaama fooniitiin Yesuus yeroo tokkotti bakkuma tokko qofa jiraatee barsiisuu fi duuka buutota isaaf hojii dinqisiisaa hojjechuuf of daangesse. Akkasumas, yeroo biyya lafaarra turetti durumaan dursee Israalelota irratti xiyyeeffachaa ture. (Mat. 10:6; 15:29). Dhufaatiin Hafuura qulqulluu imoo bara Haaraa bane babalina hojii Waaqayyooftaan dhimma guddaa ta'e (Efe. 2:11- 3:13).

Jechi “Wayya” jedhu gaarii/wayya (expedient) jechuu yoo ta’u 11:50 fi 18”14 irrattis du’a Yesuusiin walqabatee tajaajileera. Gaaleen “Asii deemuu” (go away) jedhu ta’iiwwan Yesuus hunda dhuma torbee sanaa hammate.

▣ **“Yoon adeemuudhaabaadhe inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu”** As keessatti hima otolaa sadarkaa sadaffaa lamatu jira. Kunis gocha cimaa kan argisiisudha. Yesuus Afuurri qulqulluu dhufee akka isaan guutamaniif isaan dhiise. Jechi “paracletos” jedhu gargaaraa (Advocate), mijeessaa (comforter) kan jedhuun hiikamuu danda’a. (cf. 14:16, 26;15:26; yaadannoo guutuu 14:16 irra jiru ilaali). Jechi kunis barreeffamoota Yohaannis keessatti qofa argama. Innis ogbarruu Giriikotaa keessatti akka ittisa abbaa seeraa (Abokaatoo) tti kan “along side to render aid”/gama tokko goranii gargaarsa falmii gochuu/jedhuun tajaajila. Lakk. 8-11 Afuurri qulqulluun akka himataa biyya lafaa hojjete, garuu lakk. 12-15, falmatni Hafuuraara gara amantootaa goruun (Amantootaaf dubbatee abokaatoo ta’eef) dubbata.

Jechumti kun “*poradētos*” Ilma Waaqayyoo 1Yoh2:1 irratti tajaajileera. Hundeen jecha Giriik kun “Falmataa” (Comfort) kan jedhuun hiikama. Akka ilaalcha kanaatti Abbaafis 2Qor. 1:3-11 tti tajaajileera.

▣ **“Ani isa isiniifan erga”** Afuurri qulqulluun Abbaa fi ilma irraa dhufe (cf. 14:26)

16:8 “Inni yemmuu dhufu biyya lafaa ni hubachiisa” Waanti hubatamuu qabu waantotni sadanuu (cubbuu, qajeelfamaa fi Firdiin) Dhugabaatota Hafuuraara ta’an barbaachisummaa dhala namaa fi Yesuus hojii cubbuurraa qulqulleessuu isaan wal qabatu. Jechi ‘hubachisuu’ (Conbict) jedhu jecha seerawaa “Yaalii Fannoo/Cross-ex amination/” jedhuuf ta’a.

“G-B Caird, *The Language and Imagery of the Bible*” Caaffata jedhu fuula a 159 irraa waantota Hafuuraara sadan kana hubachuuf qabxii barbaachisoo ta’an ni qaba.

Biyya lafaa kan hubachiisu:-

1. Yesuus Firdiif dhiyeessuu fi ari’achuu Dogoggora akka ta’e.
2. Hiikni Cubbuu Dogoggora hojjechuu akka ta’e.
3. Qajeelummaan irratti dogongora qabaachuu ishee
4. Hiika Firdii irratti dogongora qabaachuu ishee

Yoo akkas ta’e, Afuurri qulqulluu karaa yesuusiin guutummaan guutuutti wangeela ni ibsa. Amantiin isaanii qofti isaan hin fayyisu. Firdiin warra Yesuusiin morman hunda ni eeggata. “Cubbuu!” jechuun Amanuu dhiisuudha! Yesuus daandii gara abbaa geessuuf kan qofaa ta’edha!

Jechi Biyya lafaa jedhu kan ibsu. Dhala namaa, gurmoo namoota kufanii fi Gocha Waaqayyoon alaa kanneen hojjetanidha.

16:9 “Isaan waan natti hin amanneef, cubbuu isaanii ni argisiisa” Wangeelli kun kan eegalu cubbuu dhala namaa dinqisiifachuu fi qajeelummaa Waaqayyoo barbaachisu tuquudhaani. (cf. Rom. 3:9-18,23; 6:23; Efe. 2:1-3) cubbuun seeraan kan beekkame fayyinaaf faallaa cimaa ta’e miti. Garuu, dhalli namaa gochaa fi namummaa Yesuusitti amanuu dhabuudha. (cf. Yoh. 3:6-21; 8:24; 26) jechi “Amanuu/belief/” jedhu firiiwwan ajaa’ibaa fi kaka’umsa qaban qaba, garuu durumaan dursee beekkamaadha. (Mata duree addaa 2:23 irra ilaali). Innis dalaga Amantootaa irratti kan xiyyeeffatu miti. Garuu kakuu Waaqayyoo karaa Kiristoos gale keessatti qalbii diddiirratanii deebii amantii kennuudha. (cf. Room 3:21-30)

16:10 “Qajeelummaa itti argisiisa” kunis kan inni ibsu:-

1. Yesuus warra isa duukaa bu’an qulqulleessuu fi du’aa ka’uu akka ijootti ilaaluu (Lak. 10).
2. Warra qajeelummaa Waaqayyoo wajjin jirra osoo jedhanii Yesuus irraa adda ba’an, dhugaan isaa yoo ilaalamu Waaqayyoo wajjin sirrii kan ta’e Kiristoos qofa ta’uu isaa.

16:11 “Isa Biyya lafaa kana abboomutti faradamuu isaatiin, firdii ni argisiisa” yeroon Ergamootni gad-darbatamanii fi dhala namaa kufaan kun fuula Waaqayyoo isa qajeelaa dura dhaabbataniif guyyaan ni dhufa. (cf. Fil. 2:9-11)

Seexanni, Hnaga ammaattuu biyya lafaa kana irratti humna guddaa qabaatuuyyuu, durumaan dursee mo’atameera (kunis agarsiisa Alsi’aagina Sirriidha/Perfect passive indicative). Ijoollen isaas (cf. 8:44, Mat. 13:38, 1Yoh 3:8-10) dheekkamsa Waaqayyoo fudhatan.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 16:12-15.

¹²“Ani Waan baay’ee kanan (sinitti himu illee qaba. Ammaaf garuu baachuu hin dandeessan* ¹³ Afuurri dhugaa sun yemmuu dhufu gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa. Inni waan dhaga’u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu, waan dhufuuf jirus isinitti in mul’isa. ¹⁴ Dubbiikoo keessaa fuudhee waan isinitti mul’isuuf, inni anaaf ulfina ni kenna. ¹⁵ Waan abbaan qabu hundinuu kankooti, kanaafan inni dubbii koo keessaa fuudhee isinitti in mul’isa jedhee isinitti dubbadhe”

16:12 “Ammaaf garuu isa baachuu hin dandeessan” jechi “baachuu/bear” jedhu beelladootni waan tokko barachuu isaanii agarsiisuuf gargaara. Waantotni isaan hubachuu dadhaban:-

1. Dhiphina Kiristoos
2. Du’aa ka’uu Kiristoos
3. Ergaa wangeelaa waldaan Kiristaanaa biyya lafaaf qabdu.

Dubbistootni Ammayyaa, jireenyi Yesuus bara ce’umsaa ta’uu isaa karaalee hedduun yaadachuu qabu.

Ergamootni hedduun hanga du’aa ka’uu boodaa fi dhufaatii Hafuura qulqulluutti waantota baay’ee hin hubanne ture.

Ta’uyyuu, nuti wangeelli warra filatamaniif ergaa ta’ee waggaan booda barreeffamuu isaa yaadachuu qabna. Kanaafuu, isaanis kan duubaa ykn kan boodaa dhufetu, calaqqisiisuu, sirna Tiyooolojii bilchaataa calaqqisiisa.

16:13 “Hafuura dhugaa” Dhugaa (alitheia) kan jedhu waraabii Kakuu Moofaakeessatti yaada dhugaa/haqaa waan tokkoo fi bifa lammaffaan miira haqaa ibsa. Yesuus akka jedhetti Ani dhugaadha (14:6) Aankiin (title) kun xiyyeeffannoo Hafuura qulqulluu dalaga isaa kan waa’ee Yesuus ibsuuf qabu ibsa. (cf. 14:17,26;15:26:13-14; 1Yoh 4:6, 5:7) yaadannoo Yoh 6:55 irra jiru dubbisi.

▣ **“Gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa”** Kunis bakka hundumaatti kan guutummaatti dhugaa ibsu miti, garuu dhugaa Hafuura fi barsiisa Kiristoos keessatti qofadha. Kunis Ibsa jalqabaa barreessitootni Kakuu Haaraacaaffata qulqullaa’oo keessatti qabanidha. Afuurri qulqulluu Adda baasee, ibsummaa keessatti isaan qajeelcha. Miira Lammaffaan yoo ilaallu, Gocha Hafuura qulqulluu dubbistootaaf dhugaa wangeela akka hubataniif ibsa isaaniif kennudha. Mata duree addaa “Dhugaa” jedhu 6:55 irraa fi Namummaa (Rersonhood) Hafuura 14:26 irra dubbisi.

MATA-DUREE ADDAA: MUL’ISUU (ILLUMINATION)

Baroota darban keessa Waaqayyo dhala namaatti of mul’isuuf adda baasee gocha hedduu godheera. Gama Tiyoooloojiitiinis kun “Mul’ata” (revelation) jedhama. Innis namoota hedduu filatee akka isaan galmeessaniif of ibsuu kana akka ibsaniif godhe. Gama Tiyoooloojiitiinis kun ibsuu /mul’isuu jedhama. Afuurri qulqulluun dubbii Waaqayyoo nama hubachiisa jennee yemmuu ibsinu rakkinni ka’u ni jira. Kan kanaafuu maaliif ibsi isaa hedduun jiraate? Jedhu. Rakkinni kunis kan inni mul’atu hubannoo fi muuxannoo jalqaba dubbistootni qaban keessatti. Ajandaan namummaa kan inni uumamu Wangeela akka barru mirkaneessuu (proof text) ykn Faashinii ammayyaatti ilaaluunidha. Ibsi Tiyooolojii kaawaa Wangeela ibsuu irratti qabu bakkawwan muraasaa fi karaalee filatamoo ta’an qofaan eeyyama. Afuurri qulqulluun lamaan isaanii keessattiyuu argamu, mul’isuu (Illumination) fi ibsuu (inspiration) salphaa dhumatti wal qixa miti.

Ibsa gaarii kan ta’e yaada ijoo keeyyata ibsuuf yaaluu malee hiika bal’aa ta’e tokkoon tokkoon barreeffamaaf kennuu miti. Kunis duree yaadaa kan ijoo dhugaa barreessaa jalqabaa miidhuu danda’u waan ta’eefidha.

Gumee kitaabaaf baasuun ykn Ijoon og-barruu yaada/fedha barreessaa jalqabaa duukaa bu’uuf nama gargaara. Jijjiirraatu ibsama miti. Malawwan ibsa Wangeelaa barreessitootni itti fayyadaman irra deebinee uumuu hin dandeenyu. Waan isaan baroota isaanii keessatti jedhanii darban hubachuuf yaaluun baroota keenya keessatti dhugaa sana dubbachuudha kan nuti dandeenyu. Kutaan wangeelaa hin hubatamne ykn dhoksaa ta’es ni jira (hanga yeroo muraasaatti). Yeroo mara waldhabbiin (waliigaltee dhabuun) barreeffamoota muraasaa fi dhimma isaaniiratti ni jira, garuu ijoo dhugaa isaa adda baafnee ibsuu fi yaada barreessaa jalqabaa hordofuun jijjiirtotni akka jiran bilisummaa kennuufii qabna. Warri hiikkatanis ifa qabaniin adeemuu qabu. Yeroo mara ibsa wangeela irraa argatanii fi Hafuura qulqulluurraa qajeelfama argataniin sammuu banamaan ilaalu qabu. Waaqayyos sadarkaa hubannoo keenyaa irratti hundaa’uu fi akkamitti akka jiraannu yaaduu keenyan qajeelfama nuuf ni kenna.

▣ **“Inni waan dhaga’u dubbata malee of keessaa fuudhee hin dubbatu, waan dhufuuf jirus isinitti ni mul’isa”** Waanti dhufuu jiru ta’ii battala cubbuurraa qulqulleeffamuu ibsa. Guyyaa dhiphinaa, du’aaa ka’uu, ol fudhatamuu, fi pheexaqaosxee (guyyaa afuurri qulqulluu bu’e) ibsa. Kunis hojii raajummaa waa’ee gara duraa dubbachuu ibsa miti. (i.e Agabus, Hore 21:10, Mata duree addaa: Raajummaa 4:19 irraa ilaali).

Afuurri qulqulluun dhugaa abbaa irraa, akkuma Yesuus godhe, fudhatee gara amantootaatti ni dabarsa, akkuma Yesuus godhe sana jechuudha. Kunis qabiyyee ergaa Hafuura qulqulluu kan Affaarraa fudhachuu jedhu, garuu Tooftaa isaa (i.e Namummaa, mata duree addaa 14:26) haala gaariin ibsuufidha. Abbaan gochaan hundumaan ol kan ta’edha (cf 1Qor. 15:27-28).

16:14-15 “Dubbii koo keessaa fuudhee isinitti waan mul’isuuf inni anaaf ulfina in kenna” Hojii Hafuura qulqulluu keessaa inni jalqabaa Yesuusiin ol fuudhachuufi Yesuus Masihicha ta’uu isaa ibsuudha. (cf. Lak. 15). Afuurri qulqulluun ofii isaaf ibsa of keessaa maddisiisee hin kennu, garuu Yesuus irraa kan dhufe yeroo mara ibsa (cf. 14:26).

▣ **“Waan abbaan qabu hundinuu kankooti”** kunis labsii dhaaltummaa gammachuu akkamiiti (astorishing) (cf. 3:35; 5:20;13:3;12:10 Mat. 11:27) kunis mat. 28:18, Efe. 1:20-22; Qol. 2:10; 1Phex. 3:22 irra kan jiruun waanuma tokko dubbata. Tartiibni hojii ni jira, garuu wal caalmaan miti, sadan tokkummaa keessatti jechuudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 16:16-24

¹⁶Yesuus, “yeroo xinoo booddee na arguu in dhabdu, ammoo yeroo xinnoo booddee deebitanii na argitu” jedhe ¹⁷Bartoota isaa keessaa kaan “yeroo xinnaa booddee na arguu in dhabdu, ammoo yeroo xinnoo booddee deebitanii na argitu; yeroo biraa immoo ani gara abbaa dhaquu kooti, nuun jechuun isaa kun maali? Waliin jedhan. ¹⁸Itti fufaniis “yeroo xinnoo” jechuun isaa kun maali? Maal akka inni jedhu hin beeknu” jedhan. ¹⁹Yesuus akka isaan isa gaafachuu barbaadan baree, “Inni ani yeroo xiqqoo booddee na arguu in dhabdu, ammoo yeroo xinnoo booddee deebitanii na argitu” jedhe maal jechuu akka ta’e, walgaafachaa jirtuu? ²⁰dhuguma dhuguman isiniin jedha, isin in boossu in wawwaattus; biyyi lafaa garuu in gammada isin in gadditu, gaddi keessan garuu gammachuutti in geeddarama. ²¹Dubartiin ciniinsifattu yeroon ishee waan ga’eef in gadditi, mucaa erga deessee garuu, namni biyya lafaatti waan dhalateef, gammachuu irraa kan ka’e rakkina ishee sana hinyaadattu. ²²Akkasuma isinis amma gadda qabdu garuu ani deebi’ee isin nan arga, garaan keessanis in gammada, gammachuu keessanis eenyu illee isin duraa hin fudhatu. ²³Gaafas isin homaa ana hin gaafattani, dhuguma dhuguman isinitti hima waanuma isin maqaa kootiin isa kadhattan, abbaan isiniif in kenna. ²⁴Hamma ammaatti isin maqaa kootiin waan tokko illee hin kadhanne, *egaa* gammachuu keessan guutuu akka ta’uuf kadhada! In fudhattus” isaaniin jedhe.

16:16 “Yeroo xiqqoo booddee” Gaaleen kun yeroo maraa Yohaannis keessatti ta’a (cf. 7:33, 12:35, 13:33, 14:19) jechamni hiika gaalee kanaa maal akka ta’e ibsuuf yaaxinaalee hedduutu jira.

1. Jireenya du’aa ka’uun booddee
2. Dhufaatii isa Lammaffaa
3. Yesuus Hafuura Qulqulluun dhufuusaa. (Hafuuraan dhufuusaa)

Ibsa barruu kana keessatti lak. 1^{fiaa}tu isaaf ta’a. (cf. Lak. 22). Bartootnis hima kanaan bitaacha’anii turan (cf. Lakk. 17-18).

16:17 “Bartoota isaa keessaa kaan walitti dubbatanii” kunis akkuma 13:30;14:5, 8,22 irraa gaaffii birooti. Yesuusis gaaffii kanatti fayyadamu isaaniif mirkaneessuu isaaniif of ibse. Kunis amala wangeela Yohaannis dhugaa ibsuuf waliin dubbii (dialog) tti fayyadamedha. Yohaannis keessatti waa’ee Yesuus irratti waliin marii digdamii torbatu jira. Akkasumas wangeelli Yohaannis, warri isa dhaga’an yesuusiin hubachu dadhabuu isaani ibsa. Innis olii kan dhufe; isaan kan gadiiti.

▣ **“Yeroo biraa ammoo, ani gara abbaa dhaquu kooti”** akkuma gaalee “yeroo xinnoo booddee” jedhuu, 16:10 irratti ibse, Yesuus 16:5 irrattis kana ibseera. Kunis miiraanyoo ilaaluu, ibsa waa’ee Masihummaaf kan baay’ee adda ta’edha. (cf. 13:1,3; 16:28; 17:24).

▣ **“Na hin argitani.... arguu”** ‘Arguu’/see/ kan jedhuuf jechoota lamatu jiru. Lak. 16 fi 17. isaanis walfakkii fakkaatu. Yoo ta’es yeroo tokko qofa kan du’a yesuus fannooratti ta’ee fi du’aa ka’uu isaa gidduu yeroo jiru keessa waanta ta’u ibsa.

Warri kaan gochimaa fi gaalee kana hubannoo “Qaama-foonii” fi hubannoo Hafuuraan. 1) Yeroo dhiphinaa fi dilbata ganama gidduu jiru ykn 2) Yeroo biyya lafaarraa fudhatamuu fi dhufaatiisaa lammaffaa gidduu jiruun ibsu.

Dhugaan isaa gochimni jalqabaa (the oreo) Henna ammaa lak. 16 fi 17 fi lammaffaa (harao) Henna duree lak. 16 fi 17 irraa yaaxina walfakkii ta’uu isaanii ibsuuf fakkaatu.

16:18 “Kanaaf jedhan” kunis Henna Al-sirrii kan hiika 1) “Irra deddeebi’anii waliin jechaa turan” ykn 2) “Jechuu eegalan” jedhu qabudha.

▣ **“Jechuun isaa kun maal?”** Isaanis warra isa waliin turanii, isa dhaga’aas turanii fi warra dinqii isaa argan ta’anii, warra yeroo mara isa hin hubannedha. (cf. 8:27; 43; 10:6; 12:16; 18:4). Kunis waan hojiin Hafuura gargar baasee namaaf ibsudhu.

16:19 “Yesuus akka isaan isa gaafachuu barbaadan bare” Yesuus yeroo mara yaada namootaa ni beeka. (cf. 2:25; 6:6; 64:13:11) osoo kunis 1) Uumama dhoksa Waaqummaasaa ykn 2) Hubannoo nama keessaa fi haalaa dhugumaan beekuun baay’ee ulfaata ture.

16:20 “ Dhuguma, dhuguman isiniin jedha” kunis gama og-barruutiin ameen, ameen jechuudha. (mata duree addaa 1:51 irraa ilaali). “Ameen” jechi jedhu jecha Kaku Moofaa(aman, emeth, emunah) amantiif (for taith) ooludha. (cf. Ibr. 2:4) hundeen qorannoo jecha kanaa inni jalqabaa “Jabaachuu/tobe firm” ykn itti amanuu/to be sure” kan jedhu dha. Akka sadoomiitti kan tajaajilaa dhufe Dhugummaa Waaqayyoo kan yaad-rimee Wangeelaan duubee isaa bisuuf Amantii (faith) jedhuunidha. Jecha kanaan kan hima jalqabe/ dubbii eegale yesuus qofadha. Innis kan waraabbii “kun dubbii barbaachisaa fi dhugaa ta’edha, sirriitti dhggeeffadhaa” jedhu irraa waan dhufe fakkaata.

▣ **“Isin ni boossu; in wawwaattus”** kunis iyyuu (loud) fi gadda cimaa, kan Yihuudoonni yeroo boo’ichaa godha kan ibsu, jechuudha. Yesuus Danoomina “Isin”/yoo/ jedhu yeroo sadiif irra deddeeb’ee itti fayyadameera. Yeroo gadda bartoota isaa dubbatu. (lak. 20) (Alloma) fi lak. 22). Geggeessummaa (Leadership) jechuun.

1. Gargaarummaa
2. Biyya lafaan mormamuu
3. Akkuma Ergamootaa Afi’atamuu

▣ **“Isin in gadditu, gaddi keessan garuu gammachuutti in geeddarama”** kunis bartootni osoo bitaacha’a guddaa keessa jiranii waadaa ykn kaku akkamiitu isaanitti dubbatame! Waanti yesuus *yaadaa* galeefii isaanitti dubbate kun hundinuu, da’aa ka’uu yesuusiin booda isaaniif ni raawwate.

1. Innis isaan hin dhiisu ture (cf. 14:18;16,19;20:19)
2. Innis gara isaanii dhaqe (cf. 14:18; 16:16;19;20:19)
3. Innis nagaa isaaniif kenne (cf. 16:22;20:19)
4. Innis Hafuura qulqulluu isaaniif kenna (cf. 15:26; 20:22)

16:21 “Dubartiin ciniinsifattu” Dubartii mucaa deessu bakka buusanii dubbachuun Kaku Moofaakeessatti ta’e Kaku Haaraakeessatti beekamaadha. Innis dhiphina yeroo da’umsaa irratti xiyyeeffatee hammam akka rakkatan kan yeroo mara ibsuudha; garuu as keessatti xiyyeeffannoon isaa ilaalcha haati deessu da’umsa duraa fi booda qabdu eeruudha. Bakkoomiin kun yeroo mara “Dhiphina yeroo da’umsaa” bara haaraan wal qabata. (cf. Isa 26:17-18; 66:7-14; Mar. 13:8). Kunis waan Yesuus ibsuu barbaadee fi maaliif bartootni isaa, warri hanga ammaatti, fannoo, du’aa ka’uuf, jiraachuuf kan jedhu irratti yesuus hubachuu dadhaban ibsa.

16:23 “ Gaafas” Kunis jechama Ibirootaa (aAkkuma Daa’ima da’uu, lak. 21) kan dhufaatii bara haaraan walqabatudha. (cf. 14:20;16:25,26).

▣ **“Isin homaa ana hin gaafattani”** jechoota garaagaraa lamatu sarara kana keessatti argama (“question” fi “ask”) (cf. Lak. 26). Inni jalqabaa “gaaffii gaafachuu” kan jedhu ibsa. (cf. 16:5,19,30) utuu kun jijjiirraa (hiika) sirrii ta’ee, Yesuus gaaffii isaanii hunda kan boqonnaa 13-17 tti ibsame sana kaasa ture. (cf.13:36;14:5,8,22;16:17-81). Inni lammaffaan immoo dhufaatii Hafuura qulqulluu. (cf. 14:16-31;15:26-17;16:1-15). Isa gaaffii isaanii hunda deebisu ibsa.

Karaa biroo immoo Gaaleen kun kan inni na yaadachiisu, waadaa “kakuu Haaraa” kan Erm 31:31-34, bakka barri haaraan dhufuusaa ibsuun beekumsa (hubannoo guutuu amantootaaf kennu ta’uu isaati.

▣

NASB “Maqaa kootiin yoo waan feetan abbaa gaafattan”
NKJV “Maqaa koon waanti isin abbaa gaafattan kamiyyuu”
NRSV “Yoo waan feetan maqaa koon abbaa gaafattan”
TEV “Waan maqaa koon kadhattan kamiyyuu abbaan isiniif kenna”
NJB “Waan isin abbaa kadhattan, maqaa koon innis ni murteessa”

Kunis, Ciroo firoomsee Almurtaa’aa (Indifinite Relative Clause) dha malee, Hima *Ofolaa* (Conditional Sentence) miti. Kunis maqaa Yesuusiin gaafachuun salphaadhumatti kadhataani keenya foormulaa kabajaaf kan hin taane ta’uusaa hubachuudha, garuu, Akka fedhii, yaadaa fi amala Yesuusitti kadhachuudha. (cf. 1Yoh. 5:13).

Yaadannoo 15:16 ilaali. Mata duree addaa “kadhata: kan hin daangofne, hanga ammaattuu daanga’aa 1Yoh. 3:22 irraa ilaali.

“Maqaa kootiin” kan jedhu irratti gaaleewwan caaffata qulqullaa’aa garaagaraa hedduutu walqabatee jira. Innis “gaafachuu” kan jedhuun walqabatee deema. Akkasuma “kennuu”nis wal qabatee ykn lameenuu walqabachuu danda’a. qabiyyeen isaa kadhannaadha. Kanaafu, gaafachuu (ask) kan jedhu waliin deema. Ta’uyyuu dhugaa isaan yoo laalle, waanti abbaarraa dhufu hunduu maqaa Yesuusiin ta’a. (Maqaa koon cf 14:13,4;16:15,24,26) Mata duree addaa “Maqaa gootichaa” jedhu Yoh. 14:14 irraa ilaali.

16:24 “Gaafadhaa ni fudhattus” Gaafadhaa (Ask)’n Agarsiisa siaayina ammaa (present active imperative) tiin xiyyeeffannoon kadhata amantootaa kan jajjabeeffamuu fi kan itti fufudha. Miira tokko keessatti, amantootni al tokko gaafachuun, amanuu barbaadu, miira biroottiin ammoo, kadhanni kan itti fufee gamtaan ta’uu fi waaqayyotti amanuu, gaaffii ofii irrattis isa eegachuudha. (cf. Mat. 7:7-8; Luq.11:5-13; 18:1-8).

▣ **“Akka gammachuun keessan guutuu ta’uuf”** kunis “aperi [hrastic perfect passive participle]” (cf. 1Yoh. 1:4) dha. Gaaffiin deebi’uun sababa gammachuu keenyaati. Gammachuun amala Yesuusiin hordofuu ibsuudha. (cf. 15:11;16:20,21,24;17:13).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 16:25-28.

²⁵“Yesuus, kana hundumaa dubbii haalaatiin isinitti dubbadheera; garuu yeroon ani dubbii haalaatiin isinitti hin dubbanne in dhufa; yemmus mul’inattan waa’ee abbaa isinitti hima ²⁶ Gaafas isin maqaa kootiin in kadhattu, Ani immoo abbaatti isiniif nan dubbadha isiniin hin jedhu. ²⁷ Isin waan na jaalattaniif abbaa biraa dhufuukoos waan amantaniif, abbaan ofii isaa isin in jaalata. ²⁸ Abbaa biraa ba’een gara biyya lafaa dhufe, deebi’ee immoo biyya lafaa nan dhiisa gara abbaas nan dhaqa’ jedheen.

16:25 “Dubbii haalaatiin” Barsiifni Yesuus taatee dacha lama qaba. 1)Hubannoo namaaf bana 2) Hubannoo namaa cufa. (cf. Mar. 4:10-11; Isa. 6:9-10; Erm. 5:21). Lapheen warra dhaggeeffataniis hubannoof taatee cimaa kan qabudha. Ta’uyyuu Dhugaan ture, warra fayyanillee taanaan hanga taa’iwwan torbee dhumaatti jabaatanii hin dhaabanna, (i.e, Fannifamuu, du’aa ka’uu, du’aa ka’uun booda qaamaa fooniin hanga jjiurtti, ol fudhatamuu) fi guyyaa Afuurri qulqulluu hanga bu’eetti jabaatanii dhaabbachuu hin dandeenye.

Jireenyi du’aa ka’uun booddee daandii lamaan Immuyuus (Emmaus) (cf. Luq 24:13-35) tarii akkamitti yesuus ergamoota itti yaadeef fakkeenya ta’uu danda’a. (cf. Lak. 25-27,32). Innimtuu ofii isaaf jireenya du’aa ka’uun booddee, akkamitti ka’uun moofaa hojjiirra ooluu agarsiisuu fi Hojii isaallee dursee agarsiiseera. Kunis ta’ii lallaba pheexiroos hojii ergamootaa keessatti godheef (keryima, mata duree addaa 5:39 ilaali) gumaacha ta’era.

▣ **“Muli’inattan isinitti hima”** Mata duree adda: Boldness (parrhesia) 7:4 ilaali.

16:26 “Gaafaa isin maqaa kootiin in kadhattu” An immoo abbaatti isiniif nan dubbadha, isinii hin jedhu” Sararri kun Dhugaa baay’ee barbaachisaa ta’e ibsa. Kiristaanotni bara kanaa hedduun isaanii waaqayyotti kallattumaan akka waan hin dhiyaannetti yaadu! Ta’ullee wangeelli kan barsiisu:-

1. Afuurri qulqulluun amantootaaf kadhachuu isaa (cf. Rom 3:26-27)
2. Ilmichi amantootaaf 1Yoh. 2:1 irratti kadhateeraaf.
3. Sababa Kiristoosiin Amantootni kallattumaan Waaqayyotti dhiyaachuu danda’udha.

16:27 “Abaan ofii isaa isin in jaalata” jechi kun “Jaalala/Love” kan phileo jedhuuf ta’ee kan 5:20 irrattis jaalala Abbaan Yesuusiif qabu ibsuuf tajaajiledha. Kunis Hima gammachiisaa akkamiti kan eebba Yoh. 3:16 irraa kun (kan akka “agagao” tti tajaajile). Innis kan waaqayyoon kan Yesuus aariif barbaade miti, garuu jaalal waaqayyoo kan yesuus cubbuu isaanii irra qulqulleesseef qabudha malee.



NASB

NKJV; MRSV

“Abbaa irraa”

TEV, NJB

“Waaqayyo irraa”

Caaffata qulqullaa’oo Giriikotaa kanneen gargar ta’an lamatu jiru. (1) “Waaqayyo” ykn “Abbaa” (2) Jiraachuu fi Dhabamuu Aartikilichaa fi “Waaqayyo (God)” Ms sp⁵. 8², A fi N keessa yoo jiraatu, waaqayyichi (the God) immoo MSSC³ fi W keessatti argam. Kunis cimaa fi jecha yeroo hundaa hin qoodammedha. Hawaasni tokkummaa wangeelaa (The united Bible Societies Greek New Testaments) warra Giriik reetii “C” kennuuf (murteessuuf ulfaataadha). Tallee Abbaan (Father) N¹ keessatti yoo argamu Abbichi (The father) ammoo B,C*, D fi L keessatti argama. Haala gaariin qabiyyee barreeffama kanaaf kan ta’udhas.

▣ **“Isin waan na jaalattaniif abbaa biraa dhufuukoos waan amantaniif”** Agarsiisa si’aayina sirrii (perfect active indicative) lamatu as keessa jira. Isaanis jaalalaa fi Amantii Yesuusiif qabaniin gulantaa tokkummaa abbaa waliin qabus kan ibsudha. Addeessi “ATraslator’s Handbook on the Gospel of Johan by Barclay Newman and Eugene Nida” keessaa baay’ee kan yaada kanaaf barbaachisaa ta’edha.

Addeessi (Statement) kun Yohaannisiiif yaad-rimee, jaalalaa, Abboomamuu, fi Amantii, salphaadhumatti karaa hariiroo ilma waliin qaban ibsa. (P.518)

“Amantan” kan jedhuuf Mata duree addaa itti fayyadama Yohannis “Amantaa” (believe) irratti qabu 2:23 irraa ilaali.

16:28 “Abbaa biraa ba’een, gara biyya lafaa dhufe” kunis Henna Miirsoo (AORUT TENSE) kan henna sirrii (PERFECT TENSE) in hordofamudha. Yesuus Betiliheemitti dhalatee (dallaa loonii keessatti) bu’aan dhufaatii isaas obsaan turuu (abidii) (i.e Ani yeroo mara sin wajjinan jira. Mat. 28:20) ta’e.

Dhugaan yesuus “Abbaa biraa bu’ee dhufeef” (4 lakk. 27.30,8:42;13;3:17:8) kan inni ibsu.

1. Durumaan dursee jiraachuu isaa
2. Aboo Waagummaa isaa
3. Inni mul’ata abbaa (kan abbaan guutummaatti ittiin of mul’ise) ta’uu isaati.

▣ **“Deebi’ee biyya lafaa nan dhiisa abbaa biraas nan dhaqa”** kunis ol fudhatamuu fi hojii inni “gargaaraan” sun eegaluuf jiruu fi hojii raawwachuu yessu kan ibsudha. (cf. Ibr. 7:25:9:24, 1Yoh 2:1). Durumaan dursee jiraachuun isaa akkuma Yoh. 1:1 irratti eera, yesuus gara ulfina isaatti deebi’uu fi Abbaan isaa luqqisa kana keessatti eegameera (cf. 17:5,24).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 16:29-33

²⁹Yemmus bartootni isaa “kunoo amma’oo dubbii haalaatiin hin dubbattu, mul’inatti himata. ³⁰ Amma ati waan hundumaa, gaaffii namni qabu iyyuu utuu inni sitti hin himniin akka beektu nuyi barreerra. Kananis waaqayyo biraa akka ati dhufte in amanna” jedhaniin. ³¹ Yesuus immoo isaaniiif deebisee “Amma in amantuu? ³² Yeroo isin itti kophaatti na dhiiftanii gara mana mana keessaniitti bittimooftan in dhufa, ammuma iyyuu immoo dhufeera; ani garuu kophaakoo miti, abbaan ana wajjin jira.* ³³ Anatti qabamtanii nagaan akka qabaattaniif, ani kana hundumaa isinitti hime, biyya lafaatti rakkina qabdu, garuu, jabaadhaa! Ani biyya lafaa mo’eera!” jedhe.

16:29 “Mul’inatti dubbachaa” mata duree addaa boldness (parrhesia) jedhu 7:4 irraa ilaali.

16:30 Himni kun ibsa Yesuus gaaffii bartootaa beekuu isaan hubatamuu qaba. Lak. 19, himni kun cimuu isaanii, garuu hanga sanattuu Amantii guutuu kan hin taane ibsa. Baay’ee arganii, dhaga’anis: gocha kana gochuu isaan akka ijoo dubbiitti dhugaan hubataniiruu? Akka kootti sagaleen kun akka pheexiroos miireffatee fi Arbeessee dubbatu sana ta’e (“The Jerome Biblical Commentary” kan jedhu fuula 456 irraa dubbisi).

16:31 “Amma ni amantuu” Kunis gaaffii ykn hima addeessaa ta’uu in danda’a. jijjiirtotni Afaan Ingiliizii Ammayyaa bifa gaaffiitiin hubatu. Bakka barbaachisaa kanattillee taanaan, amantiin ergamootaa guutuu hin turre. Amantootni bara kanaa jalqabatti, garuu, torbeen booda hin jiran; amantiinis *waaqayyotiraa* argama yeroo Yesuus ifa isanii irratti bu’uureffaman. Ragaan ergamootni Amantiin hir’uu ta’uusaanii kan inni ibsame yeroo dhiphinaa fi firdiitti yesuus dhiyaatuu fi bakka/yeroo fannifamuu isaattidha.

16:32 “Mana mana keessanitti bittimooftanii kophaatti na dhiiftu” Dhugaadhaan yeroo firdiitti inni dhiyaatuu fi yeroo inni fannifama kan achitti argame Yohaannis qofa ture. (cf. Mat. 26:31, Lak. 13:7) Yoh. 21:1-3 yeroo sanatti ergamootni hedduun akka isaan qurxummii qabachuu isaaniitti deebi’an ibsa kenna.

Yesuus Dhiphina dhala namaa baatee amala namummaa fudhate (cf. Mat. 26:38, 40-41;43;44) malee aboo waaqummaa isaa hin argisiisne. (cf. 8:16,29) hanga fannifamuu isaa yeroo cubbuu addunyaa kanaa irraa fuudhee fannootti baase sanatti. (cf. Mat. 27:45-46).

▣

NASB “**Mana isaa dhuunfaatti**”
NKJV “**Kan dhuunfaa isaatti**”
NRSV “**Mana isaatti**”
NJB “**Karaa isaatti**”
TEV “**Mana dhuunfaa keetti**”
REB, NET,

NKJV in Literaaliidha. Jijjiirtotni Afaan Engilizii, hedduun isaanii akka waan inni mana tokko qofa ibsuutti ilaalu. ‘Battman’ akka ibsatti qabeenya (property) ykn jiruu (po-sessions) jedhee ibsuun (N/DoTTE Vol.2,p839) Yesuus uumaa ta’uu isaa eera (i.e 1:3, 1Qor 8:6; Qol 1:16, Ibr 1:2).

16:33 “Anatti Qabamtanii nagaa akka argattaniif” Kunis “present Active Subjunctive” kan ta’edha (cf. 14:27). Maatimni fi Aantimni isaa lachuu kan argamuu fi fudhatamu yesuus irraa qofa. Mata duree addaa Nageenya (Peace) jedhu 14:27 irraa ilaali.

▣ **“Biyya lafaa”** Yohaannis barreeffama kana keessatti “Biyya Lafaa” kan jedhu garee namootaa warra waaqayyorraa adda ba’anii jiraataniif itti fayyadame. Mata duree addaa “kosmos” jedhu 14:17 irraa ilaali.

▣ **“Rakkina ni qabdu”** Rakkinni kunis kan Yesuus muudate, isaanis akka muudachuuf jirudha. (cf. 15:18-25; Mat 5:10-12; Hoer 14:22). Ari’atamuun (i.e thlsis) duuka bu’ummaa Yesuus dhugaa ta’e ibsuudha.

Mul’ata keessatti “Dheekkamsa Waaqayyoo” (wrath) fi Ari’atamuu (Persecution) gidduu gama Tiyooloojiitiin garaagarummaan ni jira. Dheekkamsi Waaqayyoo Amantoota irratti takkaa hin dhufa, garuu warra hin amanne irraa Amantoota irratti Dheekkamsi ni dhufa. Biyyi lafaallee akka ilmaan seexanaa ta’an Addunyaa ifaan mormuu isaaniin ni ibsu (cf. 1:1-18; 3:17-21)!

▣ **“Jabaadhaa!”** kunis *jabsoo* si’aayina Ammee (Present Active imperative) dha. (cf. Mat. 9:2,22; 14:27; Mar.6:50; 10:49; Hoer 23:11) kunis sagalee akka YHWH in Iyyaasuutti dubbate sanadhaan tokkodha. (cf. Iya. 1:6,9,18:10:25).

▣ **“Ani biyya lafaa Mo’eera”** kunis Agarsiisa Si’aayina sirrii (PERFECT ACTIVE INDICATIVE)dha. Injifannoon kun dhuoomfame, Dhiphinaan dura Geetasamaanetti, osoo Awwaalli qullaatti hin hafiin dura. (cf. Room. 8:37; 1Qor. 15:57, 2Qor 2:14, 4:7-15). Lammummaa (dualism) hin jiru. Waaqayyo hundumaa to’ateera.

Akkuma Yesuus Jaalaan Biyya lafaa turee fi abbaaf abboomame, Amantootnis karaa isaatiin ni mo’u. (cf. 1Yoh. 2:13-14:4;5:4-5; Mul. 3:21; 12:11).

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Hariiroon boqonnaa 15 fi boqonnaa 16 maali?
2. Hariiroo sarara 5 n akkamitti 13:36 hubachuu dandeenya?
3. Addunyaa kufaa kanaaf hojiin Hafuura qulqulluu maalinni?
4. Amantootaaf hojiin Hafuura qulqulluu maalinni?
5. Maaliif waraabbiiwwan sarara 26-17 ibsa hojiiwwan ammayyaaf dhugaa baay'ee barbaadamu ta'anii?

YOHAANNIS 17

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Kadhannaa Yesuus	Yesuus ofii isaaf kadhachuu isaa	Kadhannaa Yesuus akka angafa lubootaatti kadhate	Yesuus bartoota isaaf kadhachuu isaa	Kadhannaa Yesuus
17:1-5	17:1-5	17:1-5	17:1-5	17:1-23
17:6-19	17:6-19	17:6-19	17:6-8	
17:20-26	Yesuus amantoota hundumaaf kadhachuu isaa		17:9-19	
	17:20-26	17:20-24	17:20-23	
		17:25-26	17:24-26	17:24-26

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

HIKAA GALUMSAA Lakk. 1-26 ILAALUU

A. Seenaa

1. Kun kadhannaa Yesuus akka angafa lubootaatti
 - a. Ofii isaatiif (lakk. 1-5)
 - b. Bartoota isaatiif (lakk. 6-19)
 - c. Amantoota fuuladura dhufuuf jiraniif (lakk. 20-26) kadhate dha.
Kunis dubbii hojii isaa xumuree deemuu isaa agarsiisuun utuu hin ta’iin ofitti amanamummaa inni qabu dubbii agarsiisuun kaa’ame.
2. Kun kadhannaa Yesuus barreeffamaan keessan isa dheeraadha.

3. Boqonnaa kana akka gulummoowwan himootaatti qooduun yaadonni ijoon wal fakkaatoon ammas ammas waan irra deddeebi'amaniif rakkisaadha, kun immoo amala barreeffamoonni yohaannis ittiin beekamanidha. Kunis yaada namoota garaa garaa agarsiisuu fi irra deddeebi'amu fakkaata. Jechoonni ijoo “ulfina”, “kenni,” “ergame” “maqaa,” “biyya lafaa” fi “tokko” kun jedhanidha.
4. Boqonnaa kana keessa iddoon itti hafuurri qulqulluun caqafamu hin jiru. Kunis Boqonnaa 14-16 keessatti hafuurri qulqulluun baay'inaan waan caqafameef haala barame miti.

B. Lakk. 6-19 keessatti amala bartoota gooftaa

1. Warra fo'aman
2. Warra abboomaman
3. Waaqayyoo fi Kiristoosiin warra beekan,
4. Dhugaa warra fudhatan
5. Yesuusiin warra kadhatameef
6. Biyya lafaa keessa warra jiraatan
7. Humna isaatiin warra eegaman
8. Abbaa fi Ilma akkuma tokko ta'an warra tokko ta'an
9. Warra isatti gammadan.
10. Warra kan biyya lafaa hin taane
11. Warra dhugaadhaan qabaman
12. Akkuma inni ergame warra ergaman
13. Akkuma abbaan ilma jaallate warra jaallataman.

C. Wangeela Yohaannis keessatti jecha “ulfina” jedhu

1. Jechoonni afaan ibraa'isxii 25 ol Macaafa Qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii (Lxx) keessatti jecha Afaan Giriikii doxa jedhutti hiikamu. Kakuu Moofaakeessatti jechi beekaman jecha kabod jedhudha, hiikni isaas “adda kan ba'e”, “ulfaatina”, “gatii guddaa qabaachuu”, “ilaalcha guddaa”, “kabaja” ykn “ifa ta'uu” jechuudha.
2. Jechi Afaan Giriikii doxa jedhu xumura “yaaduu” jedhu kan yoo ilaalcha guddaa agarsiisu of keessaa qaba irraa kan dhufedha.
3. Wangeela Yohaannis keessa yaadota jecha kana agarsiisan baay'eetu jira.
 - a. Ulfina Waaqayyoo (cf. Lakk. 5, 24:1;14;12:40;12:16).
 - b. Mallattoowwan, barsiisuu fi hojii jaalalaa Yesuusiin mul'achuu abbaa (cf. Lakk. 4,10,22,1:14;2:11;7:18;11:4,40)
 - c. Addumatti fannoo Kiristoos agarsiisa (cf. lakk. 1,4,7,,39,12:123;13:31-32)
Itti fayyadamoota kana gidduu wal fakkeenyi tokko tokko akka jiru beekamaadha. Dhugaan inni giddu galeessa ta'e Waaqayyo inni hin mul'anne dubbii isaa fi hojii isaan karaa namaa (Yesuus Kiristoos) mul'achuu isaati.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 17:1-5

¹Dubbii kana erga dubbatee booddee, Yesuus gara Waaqaatti ol ilaalee, “yaa abbaa, yerichi ga'eera, ilmi kee ulfina akka siif kennuuf, ilma kee gara ulfinaatti ol fudhadhu. ²Akkuma ati foon-qabeessa hundumaa irratti aboo isaaf kennite, inni immoo warra ati isaaf kennite hundumaaf jireenya bara baraa haa kennuuf. ³Si Waaqayyo isa tokkicha, isa dhugaa, Yesuus Kiristoosiin isa ati ergites beekuun isaanii jireenya bara baraa. ⁴Ani lafa irratti ulfina siif kenneera, hojii akka ani hojjedhuuf ati anaaf laattes raawwadheera. ⁵Ammas yaa abbaa, ulfina isaa utuu biyya lafaa hin uumamiin ani si biratti qaba tureera, ofii kee biratti ulfina anaaf kenni.

17:1 “Dubbii kana erga dubbatee booddee” kun barsiisa kutaa gara olii boqonnaa 13-16 tti jiru kan agarsiisu ta'uu qaba.

☐ “gara Waaqaatti ol ilaalee” kun dhaabbii warri Yihuudotaa Waaqayyoon kadhachuuf dhaabbatan isa beekamaa dha: akka nama Waaqayyoo wajjin haasa'aa jiruutti harka, mataa fi ija ofii gara Waaqaatti ol kaasuun (cf. 11:41; Marq. 7:34; Luq. 18:13; Far. 123:1) Yesuus yeroo baay'ee Waaqayyoon jecha kanaan ibsa (cf.

11:41;12:27;28; Mat. 11:25-27;Luq. 22:42;23L34). Kunis Afaan Aramaayikiitti Abba kan jedhu dha. Kun jecha ijoolleen mana keessatti abbaa ofii ittiin waamtu dha. (cf. Marq. 14:36). Kunis warra bartoota Yesuus hin ta'iin baay'ee aarsaa ture!

▣ **“Yerichi ga'eera”** kun Yesuus kaayyoo fi yeroo tajaajila isaa akka beeku agarsiisa. (cf. 2; 4; 7; 6; 8, 30; 8:20; 12, 23; 13:1). Inni haala hin beekneen hin qoramne.

▣ **“ilma kee gara ulfinaatti ol fudhadhu”** Yesuus Wangeela Yohaannis keessatti waa'ee du'a isaa jechoota wal fakkaatuniin dubbata (cf. lakk. 4:7:39;12:23;13:31-32). Jechi kun Yesuus duraan dursee waaqa turuu isaas ni agarsiisa. (cf. 1: 14 fi Lakk. 5, 24). Hojiin Yesuus ulfina Waaqayyoo abbaa agarsiisa. Abbaa fi ilmi hariiroo keessatti waan wal jijjiiran (waliif kennan) qabu ture! Ibsa 1: 14 irra jiruu fi hiika galumsaa, C ilaali.

“ilma” isa jedhuuf mata duree addaa I Yoh. 3:8 irra jiru ilaali.

Jecha “ilma” jedhuun kan wal qabatan barreeffamoota durii baay'eetu jira.

1. Ilma jechi jedhu ibsa maqaa wajjin MSSP⁶⁰, x, B,C*,W keessatti ni argama.
2. Bamaqaa wajjin MSSA,D,C² keessatti ni argama. UBS⁴'n yaada #1 irratti ibsameef sadarkaa “B” (dhugaatti kan dhiyaatu) kenna.

17:2 “foon-qabeessa hundumaa irratti aboo isaaf kennite” kun dubbii ajaa'ibsiisaa kotee bulaa hojii mukaa hijetu tokkon barreeffamedha (cf. Yoh. 5:27; Mat. 11:27; 28:18; Luq. 10:22). Jechi “aboo” jedhu isa 1:12;5:27:19: 10,11 keessatti caqafameen tokkodha. Kunis “marga seeraa”, “aangoo” yookiin” aboo” jedhamee hiikamuu danda'a.

Gaaleen “foon-qabeessa hundumaa” jedhu qeenxee agarsiisa (jechama Ibrootaa dhala namaa agarsiisu. (cf. Uma. 6:12;Far.65:2; 145:21 Isa. 40:5;66:26; Yo'el. 2:28).

▣ **“warra ati isaaf kennite hundumaaf”** jechi “warra ...hundumaaf” jedhu saala hin agarsiisu, qeenxeedhas (cf. 7,24), kunis nama dhuunfaa irratti utuu hin ta'in bartoota warra qaama Yesuus ta'an irratti kan xiyyeeffatedha! Kunis kenna bara baraf jiraatu ennaa agarsiisudha! Kunis duraan dursanii waan ta'uu jiru beekuu fi filachuu agarsiisa (cf. Lakk. 6,9,12;6:37,39; Rom. 8;29-30; Efe. 1:3-14). Kakuu Moofaakeessatti nama fo'achuun tajaajilaaf ture, Kakuu Haaraakeessatti garuu fayyina bara baraa, hafuuraa fi amanamaa ta'ee fidha. Amantoonni tajaajilaafis waamamaniiru. Filannoon kun immoo hojii Waaqayyoo duwwaa utuu hin ta'iin, kakuudhaan itti gafatamummaa namaa wajjin wal qabachuu kan qabudha. Du'a irratti utuu hin ta'in jireenya irratti kan xiyyeeffatudha! Amantoonni akka kennaatti ulfina argachuuf utuu hin ta'in, “qulqullummaa” dhaaf fo'ataman. Dubbiin kun akka waan abbaan namoota murtaa'an qofa Yesuusiif kenneetti hubatamuu hin qabu.

MATA DUREE ADDAA: FILANNOO

Filannoon barsiisa amantii ajaa'ibsiisaa dha. Haa ta'u malee, kun nama kaan irra wayyanii filatamuu utuu hin ta'in warri kaan akka fayyaniif karaa, meeshaa ykn sababii ta'uu jechuudha! Kakuu moofaa keessatti jechi kun harka caalaatti tajaajila agarsiisa; kakuu haaraa keessatti immoo jalqabatti fayyina agarsiisa. Kunis tajaajila of keessaa qaba. Waaqayyoo hundumaa danda'uun isaa fi fedha namaa yaadonni jedhan faallaa fakkaatu, garuu Macaafni qulqulluun yaada kana (faallaa ta'uu isaanii) hin deeggaru, Macaafni qulqulluun yaadota kana lamaan iyyuu ni deeggara! Macaafa qulqulluu keessaa kutaawwan ulfaatoo kanaan wal qabatanii jiraniif fakkeenya gaariin Rom.9 isa waa'ee saba Waaqayyoo filatee dubbatuu fi Rom. 10 isa namni Waaqayyoon dhaga'uun dirqama ta'uu isaa dubbatudha (cf. 10:11,13)

Yaada ulfaataa kanaaf furtoon Efe. 1:4 keessatti argamuu danda'a. Yesuus isa Waaqayyoo fo'atedha hundinuus isaan fo'amu danda'a (karl Barz). Yesuus karaa ittiin Waaqayyoo nama cubbamaadhaaf “tole” jedhudha (karl Barz). Efe. 1:4 dhimma kana kaayyoon fo'annaa Waaqayyoo Mootummaa Waaqayyoo (jannata) utuu hin ta'iin qulqullummaa (kristoosiin fakkaachuu) akka ta'e dubbachuudhaan ifa godha. Yeroo baay'ee bu'aawwan Wangeela irraa argaman jaallannee itti gaafatamummaa keenya garuu ba'uu dadhabna! Waaqayyoo nama Waamuun isaa (filannoo) kan yeroo akkasumas kan bara baraati!

Barsiisni amantii dhugaa tokko duwwaa irratti, yookiis dhugaa wal hin qabanne irratti utuu hin ta'in dhugaa wal qabatan irratti hundaa'a. Akka gaariitti kanaan kan wal fakkaatu urjii tokkoo fi walitti qabama urjiiwwanii waliin madaaluu dha. Waaqayyoo akka kalaqa warra dhiyaatti utuu hin ta'in akka kalaqa warra

bahaatti barsiisa. Dhibbaan (tension) dhugaawwan barsiisa amantii lama gidduutti qooqaan (waan faallaa fakkaatu) uumamu hanbisuun nu irra hin jiraatu (waaqayyo iddoo fi bakkaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa fi ddoo hundumaa jiraachuu isaa waliin madaaluu. Fkn: eegumsa amansiisaa qabaachuu fi hamma dhumaatti amantiidhaan of eegachuu; Abbaa Wajjin qixa ta'uu Yesuusii fi abbaaf abboomamuu isaa; Bilisummaa Kiristiyaanummaa fi itti gaafatamummaa kiristiyaanummaan hidhata kakuudhaan uumameef qaban; k.k.f.)

Akka barumsa macaafa qulqulluutti yaadni “kakuu” hunda danda'uu Waaqayyoo (kophaa isaa) /isa yeroo hundumaa dhimmicha jalqabuudhaaf itti gaafatamummaa fudhatu/ qalbii diddiirrannaa jalqabaa fi walitti fufiinsa qabu, amantii namootaa (cf. Marq. 1:15; HE 3:16,19; 20:21) wajjin walitti hidha. Tokko deeggaranii tokko tuffachuu irraa of eegadhu! Barsiisa amantii sitti tole barsiisuu yookiis sirna barumsa amantii sitti tole barsiisuu irraa of eegadhu!

▣ **“jireenya bara baraa haa kennuuf”** jireenyi bara baraa kennaa Waaqayyoo karaa Kiristoos kennamudha (cf. 5:21,26;6:40,47;10:28; I Yoh 2:25; 5:11). “jireenya Waaqayyoo,” “jireenya bara baraa” yookiis “jireenya du'aa ka'uu” jedhuudha. Jalqabatti baay'ina irratti utuu hin ta'in qulqullina irratti xiyyeeffata (cf. 10:10).

17:3 “... isaanii jireenya bara baraati” kun hiikaa “jireenya bara baraa” Yohaannis lafa kaa'edha. Lakkoofsi kun dhugaawwan gurguddoo Kiristiyaanummaa lamaan agarsiisa: (1) Waaqa tokkichatti amanuu (keessa deebii 6:4-6) fi (2) Yesuus Masihicha Waaqayyoo hidda Daawwit irraa dhufe ta'uu isaa (cf. II Sam. 7) “Jireenyi bara baraa” kun waan gara fuula duraatti argamu utuu hin ta'in Yesuus Kiristoos keessatti amma kan argamudha (Yesuusitti amanuudhaan).

▣ **“Si ... beekuun isaanii”** kun beekumsa sammuu utuu hin ta'in akka Afaan warra Seemitti hariiroo dhuunfaa agarsiisa (garuu dhugaan hubatamuu qabu jira). Dhugaan jiru garuu, Yesuus mo'icha Waaqayyoo inni dhugaan guutummaan guutuutti ittiin mul'atu ta'uu isaati (cf. 1:12, 14; Qol. 1:15; Ibr. 1:3), namoonnis isa amanuu, simachuu, isaaf abboomamuu, qalbii diddiirrannaa walitti fufiinsa qabu qabaachuu fi isatti qabamanii jiraachuu isaaniiti.

▣ **“Si Waaqayyoo isa tokkicha, isa dhugaa”** kakuu moofaan Waaqayyoo tokkichi duwwaan jiraachuu isaa dubbachuudhaan adda ba'a (cf. Ba'u 8:10; 9:14; Ba'u 4:35,39;6:4:33:26; I Sam. 2:2; II Sam 7:22; I Qor. 8:4,6; I Xim. 1:17; 2:9; Yihu. Lakk. 25). Karaa qajeelaa yeroo ilaalamu kakuu moofaan Waaqayyoo adda ta'uu isaa fi tokkicha qofa ta'uu isaa kan inni barsiisuuf biyyoonni bahaa ollaa isaanii turan durii hafuurota baay'eetti amanuu isaanii dura dhaabachuuf ture. Waaqayyoo tokkichatu jira, garuu hafuuronni garaa garaa jiru (cf. Ba'u. 15:11; Keessa Deebii 3:24; Far. 86:8; 89:6).

Kana jechuunis barreeffamoonni Kakuu MoofaaWaaqolii tolfamoo baay'een (Elohim) akka jiran calaqisiisa (*henotheism*), (Israa'eliif garuu waaqa tokko duwwaatu jira). Hafuurri biroon akka jiran Museen hubateera. Kana jechuun garuu Waaqolii tolfamoon kun dhugaa ta'uu isaanii utuu hin ta'in booddee isaanii hafuurri hamaan jiraachuu isaa agarsiisa (cf. I Qor. 10:19-20)

Ibsi maqaa inni biraan immoo “dhugaa” (alithinos) dha. Jechi kunii fi jechoonni wal fakkaatoon (aliches) yeroo baay'ee barreeffamoota Yohaannis keessatti ni mul'atu, garuu hiikaa isaanii hubachuun ulfaataadha. Hiikaa baay'ee qabu. Akka kakuu moofaatti bu'uurri fakkeeniyota jirani akka agarsiisutti amanamummaa, kan itti hirkatamu, jechuudha. Akka Afaan Giriikitti immoo kan hin jijjiiramne, kan ifatti of mul'isu jechuudha. Karaa biraa dhugaan faallaa sobaati (cf. Titoo 1:2). Maxxantuun -inos jecha Afaan Giriikii (alithinos) irra jiru kanuma irraa uumamu jechuu agarsiisa. Itti fayyadamni armaan gadii jecha kanaaf yaada waliigalaa kennuu danda'a.

MATA DUREE ADDAA: WANGEELA YOHAANNIS KEESSATTI Jecha “DHUGAA” JEDHU

1. Waaqayyoo Abbaa
 - a. Waaqayyoo dhugaadha /amanamaadha (cf. Yoh. 3:33; 7:18,28; 8:26: 17:3; Room. 3:4; I Tas. 1:9; I Yoh. 5:20; Mul. 6:10)
 - b. Karaan Waaqayyoo dhugaadha (cf. Mul. 15:3)
 - c. Murtoon Waaqayyoo dhugaadh (cf. Mul. 16:7; 19:2)

- d. Dubbiin Waaqayyoo dhugaadha (cf. Rev. 19:11)
2. Waaqayyo Ilma
 - a. Ilmi dhugaadha.
 1. Ifa dhugaa (cf. Yoh. 1:9; I Yoh 2:8)
 2. Wayinii isa dhugaa (cf. Yoh. 15:1)
 3. Dhugaa fi ayyaanaan kan guute (cf. Yoh. 1:14, 17)
 4. Inni dhugaadha (cf. Yoh. 14:6; 8: 32)
 5. Inni dhugaadha (cf. Mul. 3:7; 19:11)
 - b. Wanti Ilmi dhugaa ba'u dhugaadha (cf. Yoh. 18:37)
3. Yaada madaallii irratti hundaa'e qabaachuu danda'a.
 - a. Seera Musee, ayyaanaa fi dhugaa Yesuusii wajjin madaaluu (cf. Yoh. 1:17)
 - b. Godoo qulqullaa'aa lafa onaa sanaa fi godoo qulqullaa'aa waaqa irraa (cf. Ibr. 8:2; 9:1) madaaluu.
4. Akkuma Wangeela Yohaannis iddoo birootti yeroo baay'ee hiikaa baay'ee qabu (Ibraa'ixxii fi Giriikiidhaan) asittis akkasuma. Kana hundumaa Yohaannis Abbaa fi ilma, akka eenyummaa qabanitti, dubbii isaanii fi akka ergaa isaanii duuka buutota isaaniitti darbuu qabuutti ibsa. (cf. Yoh. 4:13; 19:35; Ibr. 10:22; Mul.22:6).
5. Ibsoonni maqaa kun lamaan abbaa akka Waaqa tokkicha uumamamaan ta'eetti. (cf. 5:44; I Yoh. 5:20) fi Yesuusiin immoo akka isa dhugaa fi guutummaan guutuutti sadarkaa yaada sammuutti duwwaa utuu hin ta'iin qabatamanitti kayyoo ilmaan namaa fayyisuutiif Waaqayyo ittiin mul'atuutti ibsu!

▣ **“Yesuus Kiristoosiin isa ati ergites”** kun yaada Yohaannis fooyyessee barreesse ta'uu danda'a. Yesuus Abbaa biraa “ergamuu” isaa irratti xiyyeeffachuun kan Wangeela Yohaannis keessatti hariiroo irra deddeebi'amee ibsamudha. (cf. 3:17:34; 5:36,38;6:29,38,37; 7:29;8:42: 10:36; 11:42:17:3,8,18,21,23,25;20:21). Barsiisonni seeraa jecha *apostelloto* jedhu isa mul'inatti bakka buufamee ergame agarsiisuuf fayyadamu. Mata duree addaa: Erguu /*Apostello*/ jedhu 5:24 irraa ilaali.

17:4 “Ani biyya lafaa irratti ulfina siif kenneera” (ibsa 13:31-32 irra jiru ilaali). Jechi “ulfina” jedhu akka yaada armaan gadiitti fayyaduu danda'a: (1) “ulfina kennuu” ykn (2) “ulfina mul'isuu”. Lakkoofsi 6 #2 agarsiisa. Hojiiwwan ijoo Yesuus keessaa tokko ulfina abbaa mul'isuudha (cf. 1:14,18).

▣ **“hojii ... raawwadheera”** hundeen jecha Giriikii, telos, “guutummaan guutuutti raawwachuu” agarsiisa (cf. 4:34; 5:36; 19:30). Hojichi dacha sadii ture.

1. Abbaa Mulisuu (cf. 1:14,18)
2. Nama cubbamaa fayyisuu (cf. Marq. 10:34; II Qor. 5:21)
3. Fakkeenya namummaa dhugaa (cf. 13:31; I Phex. 2:21)
4. Akkasumas, Hojiin araaraa Yesuus itti fufa (cf. I Yoh. 2:1; Ibr. 7:25; 9:24).

17:5 “Ulfina ... ulfina anaaf kenni” Lakkofsi kun Kristoos duraan dursee jiraachuu isaa irratti xiyyeeffata. (cf. 1:1, 15; 6:62; 8:58: 16:28; 17: 11, 13, 24 II Qor. 8:9; Fil. 2:6-11; Qol. 1:17; Ibr. 1:3;10:5-8). Yesuus milikitaa fi dinqiidhaan bartootatti “ulfina” mul'iseera (cf. 1:14; 2:11; 11:4,40; 12:28). Amma “ulfinni” inni dhumaa du'uu isaa, du'aa ka'uu isaa fi ulfina isaa waaqa irratti deebi'udha. (cf. Lakk. 24; Fil. 2:5-6, 17). Xumurri hima kanaas gaaffii abbaaf dhiyaatu agarsiisa. “ulfina” irratti ibsa guutuu 1:14 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 17:6-19

⁶Biyya lafaa keessaa warra ati anaaf laatetti maqaa kee beeksiseera. Isan kan kee turan, ati immoo anaaf isaan laatte; isaanis dubbii kee eeganiiru. ⁷ Ammas wanti ati anaaf laatte hundinuu si biraa ta'uu isaa hubataniiru. ⁸ Dubbii ati anaaf kennite hundumaa ani immoo isaaniif kenneera. Isaanis fudhatanii, ani si biraa akkan dhufe dhuguma hubatan; akka ati na ergites amanan. ⁹Ani isaaniifan kadhada, biyya lafaatiif hin kadhada, warra ati anaaf kenniteef malee; isaaniin in mul'ata. ¹¹ Ammas ani si'achi biyya lafaatti hin argamu, isaan garuu biyya lafaa keessa jiru; ani immoo gara keen an dhufa, yaa abbaa qulqulluu, akkuma nuyi tokko taane, warri ati anaaf kennites tokko akka ta'aniif, maqaa keetiin isaan eegi! ¹² Hama ani isaan bira turetti, humna maqaa keetii isa ati anaaf kenniteen isaan nan eege,

waan hamaatti isaan eegeera, dubbiin macaafaa akka raawwatuufis isaan keessaa ilma badiisaa malee, tokko illee kan bade hin jiru. ¹³Amma garuu gara kee nan dhufa, Isaan immoo gammachuu koo guutummaatti akka qabaataniif, dubbii kana biyya lafaa keessatti nan dubbadha. ¹⁴Ani dubbii kee isaaniif kenneera; akkuma ani kan biyya lafaa hin ta'in, isaanis kan biyya lafaa waan hin ta'iiniif, biyyi lafaa isaan jibbe. ¹⁵Isa hamaatti akka isaan eegduuf malee, biyya lafaa keessaa akka isaan baafuu si hin kadhahu. ¹⁶Akkuma ani kan biyya lafaa hin ta'iin isaanis kan biyya lafaa miti. ¹⁷Dubbiin kee dhugaadha, dhugichaan isaan qulqulleessi. ¹⁸Akka ati biyya lafaatti na ergite, anis akkasuma biyya lafaatti isaan ergeera. ¹⁹Isaan immoo dhugaatti kan qulqullaa'an akka ta'niif, ani isaaniif jedhee of nan qulleessa.

17:6 “Maqaa kee beeksiseera” Akka hiika Ibraa'ixiitti maqaa jechuun amala calaqisiisuu jechuudha. (cf. Lakk. 11,12,25-26; Far. 9:10). Dubbiin kun akka barumsa macaafa qulqulluutti Yesuusiin arguu jechuun Waaqayyoon arguu akka ta'e agarsiisa. (cf. Yoh. 1:18; 12:45; 14:8-11; Qol. 1:15; Ibr. 1:3).

Dubbii kutaa gara olii keessatti jechi “maqaa” jedhu barsiisa macaafa qulqulluu keessatti shoora guddaa taphata. (cf. 14:13, 14,26; 15:16,21;16,21; 16:23,24,26; 17:6,11,12,26). Boqonnaa 17 keessatti Waaqayyo maqaa addaa lamaan waamameera.

1. Abbaa qulqulluu, lakk. 11
2. Abbaa qajeelaa, lakk. 25

▣ **“Warra ati anaaf laattetti”** Akka barumsa macaafa qulqulluutti kun fo'atamuu agarsiisa. (cf. lakk. 2, 9, 24; 6: 37, 39). Namni dhufuu kan danda'u.

1. Yoo Waaqayyo kenne.
2. Yoo Hafuurri qulqulluun harkise (6:44,65)
3. Yoo simatan/fudhatan(1:12); amanan (3:16)

▣ **“Isaanis dubbii kee eeganiiru”** abboomamuun baay'ee murteessaadha. (cf. 8:51, 55; 14:23; 15:10,20). Kun isa Kakuu Moofaakeessatti “nama balleessaa hin qabne” jedhuu wajjin yaada wal fakkaataa agarsiisa (cf. Nohi. Uma. 6:9; Abrahaam, Uma. 17:1; Israa'el keessa deebi'ee 18:13; Iyob. 1:1). Kun gutumaan guutuutti abboomamuu yookiis cubbuu dhabuu utuu hin ta'in hawwii wanta mul'ifame dhaga'uu fi raawwachuuf qaban agarsiisa; hanga ammaattis Yesuusitti amanuu, Yesuus keessa jiraachuu, akkuma Yesuus isaan jaallate wal jaallachuu bartootaa agarsiisa.

17:7 “hubataniiru” Mata duree addaa 2:23, #4 ilaali.

▣ **“Wanti ati anaaf kennite hundinuu si biraa ta'uu isaa”** Yesuus waa'ee wanta abbaan isatti mul'isee dubbate (cf. Lakk. 8: 7: 16: 12: 48-49).

17:8 “Isaanis fudhatanii” Ergaa waa'ee Waaqayyoo Yesuus qabu fudhatan. Kan fudhate eenyu akka ta'e kallattiidhaan hin ibsamne. 1:12 keessatti kan simatamu Yesuus mataa isaati; asitti immoo ergaa waa'ee waaqayyoo Yesuus fidetu simatame (cf. Lakk. 4). Kunis ilaalcha Wangeelaa lamaan agarsiisa: (1) nama fi (2) ergaa.

▣ **“fudhatanii ... amanan”** Dhugaan kun waaqummaa Yesuusii fi ergaa isaa agarsiisa (cf. 5:19: 6:68-69; 12:48-49; 16:30; 17:18,21,23,25).

17:9 “Ani isaaniifan kadhada” Yesuus isa gidduu dhaabatee nuu fi Waaqayyoon walitti fidudha. (cf. I Xim. 2:5; Ibr. 8:6; 9:15; 12:24) akkasumas ibsa nuuf dubbatudha (cf. I Yoh. 2:1). Hojii kana keessatti abbaanis hirmaannaa qaba (cf. 16:26-27). Hafuurri qulqulluunis akkasuma (cf. Rom. 8:26-27). Qaamoni sadan tokkummaa sadanuu nama fyiisuu keessatti karaa hundumaan ni hirmaatu.

▣ **“Biyya lafaa”** Jechi *kosmos* jedhu boqonnaa kana keessatti yeroo kudha saddeet caqafameera. Yesuus waa'ee (1) Lafaa (Pilaaneetii) (cf. 17:5,24) fi (2) Cubbuu biyya lafaa gidduu jiraachuu amantootaa (17:6,9,11,13,14,15,16,17,18,21,23;1:10) dubbata. Barreeffamoota Yohaannis keessatti jechi kun “namoota

Waaqayyo irraa adda ba’anii jiraatan” agarsiisa. Yeroo tokko tokko (1) Pilaaneetiitti; (2) lubbu qabeessa lafa irra jiru hundumaa; ykn (3) jireenya Waaqayyoon hin qabne agarsiisa, mata duree addaa 14:17 irra ilaali.

17:10 “Kan koo hundumtuu kan keeti, kan kees kan kooti” kun tokkummaa sadan tokkummaa mul’isa (cf. Lakk. 11,21-23;16:15). Mata duree addaa 14:26 irra jiru ilaali.

▣ **“ulfinni koos isaaniin in mul’ata”** Jireenyi bartootaa akkuma Yesuus abbaaf ulfina kenne ulfina Yesuusiif kennuudha. Itti gaafatamummaa guddaa akkamiiti! 17:11 “Ani si’achi biyya lafaatti hin argamu” kun kan agarsiisu (1) gara abbaatti deebi’uu Yesuus (cf. HE 1:9-10) yookiis (2) lafa irratti tajaajila Yesuus.

▣ **“Yaa abbaa qulqulluu”** Jechi “qulqulluu” jedhu Kakuu Haaraakeessatti (i.e “isa qulqulluu” I Phex. 1:16) akka kakuu moofaatti abbaa agarsiisuuf kan inni gargaare iddoo kana duwwatti. Ibsi maqaa kun (*hagios*) yeroo baay’ee Hafuura qulqulluu agarsiisa (cf. 1:33; 14:26; 20:22). Hundeen jecha Giriikii kun lakk. 17 keessatti bartoota (*hagiasmos*) lakk. 19 keessatti immoo Yesuusiin (*hagiazō*) agarsiisa.

Hiikaan bu’uuraa hundee jecha kanaa “Waaqayyoof hojjechuuf adda ba’uu” jechuudha. (cf. lakk. 17,19). Namoota, iddoowwan, akkasumas wantoota addatti Waaqayyoof kennaman agarsiisa. Hundumaa gararraa ta’uu Waaqayyoo (qulqulluu Israa’el) fi Wantoota cubbamoo biyya lafaa irra jiran irraa adda ta’uu Waaqayyoo agarsiisa. Yesuus Qulqulluu ture; Duuka-buutoni isas hammuma isa fakkaachaa adeeman isaanis “qulqullummaa” calaqisiisu. Amantoonni Kiristoositti amanuu isaaniitiin qulqulloota, garuu isa fakkaachuudhaan, isaaf jiraachuu fi isatti qabamanii jiraachuudhaan qulqullaa’uu qabu.

MATA DUREE ADDAA: QULQULLUU

I. Kakuu Moofaa

- A. Hiikaan jecha *kadosh* (BDB 872) jedhu beekamaa miti, tarii Kana’aan ta’uu danda’a. Gar tokkeen hundee jecha kanaa (jehunis *kd*) “hiruu” jechuudha. Kunis dubbii beekamaa Waaqayyoof “adda ba’aa”jedhuuf (aadaa Kana’aanotaa irraa, cf. keessa deebii 7:6; 14:2, 21; 26:29) madda kan ta’u dha.
- B. Wantoota keessa, iddoowwaan garaa garaa, yeroo tokko keessaa fi nama keessa jiraachuu Waaqayyootiin wal qabata. Umama keessatti hin caqafamne, garuu Seera Ba’uu, Leewwotaa fi Lakkoofsa keessatti baay’inaan mul’ata.
- C. Macaafota raajii keessatti (keessumaa Isaayyaasii fi Hosee) qabiyyeen nama agarsiisu inni duraan dursee ture garuu immoo xiyyeeffannaan hin kennamneef. Kun sirriitti hubatama, kunis karaa ittiin amala Waaqayyoo agarsiisan ta’e (cf. Isa. 6:3). Waaqayyo qulqulluudha. Maqaan isaa amala isaa bakka bu’us qulqulluudha. Namoonni isaa warri amala isaa biyya lafaatti mul’isanis qulqulluudha. (kakuu Amantiidhaan galan yoo eegan).
- D. Araarri fi jaalalli Waaqayyoo akka barumsa macaafa qulqulluutti yaadota waa’ee kakuu , firdii qajeelaa, fi amala gaarii ibsan irraa adda ba’ee ilaalamuu hin danda’u. Kana irraa ka’uudhaan yaada Waaqayyo warra qulqulluu hin ta’in, cubbamoo fi hamoo ta’aniif qabu beekuun rakkisaadha. Hariiroo “araaraan guutuu” ta’uu Waaqayyoo fi “qulqulluu” ta’uu isaa gidduu jiru irratti kitaaba Robert B. Girdlestone, *Synonyms of the old Testament*, jedhamu fuula 112-113 keessa ibsa gaariitu jira.

II. Kakuu Haaraa

- A. Barreessitoonni kakuu haaraa (Luqaas irraan kan hafe) akka Ibrootaatti warra yaadanidha, garuu macaafa qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii isa durii irratti ni hundaa’u. Kun kakuu moofaa iikaa Afaan Giriikiiti, barreeffama Giriikotaa, yaada ykn amantii Afaanni isaanii irratti hundaa’u durii miti.
- B. Yesuus Waaqayyo waan ta’ee fi Waaqayyoon waan fakkaatuuf qulqulluudha (cf. Luq. 1:35; 4:34; HE. 3:14; 9:27, 30). Inni isa qulqulluu fi qajeelaadha (cf. HE. 3:14; 22:14). Yesuus cubbuu wan hin qabneef qulqulluudha (cf. Yoh. 8:46; II Qor. 5:21; Ibr. 4:15; 7:26; I Phex. 1:19; 2:22; I Yoh. 3:5).
- C. Waaqayyo qulqulluu waan ta’eef ijoolleen isaas qulqulluu ta’uu qabu (cf. Lew. 11:44-45; 19:2;20:1, 26; Mat. 5:48; I Phex. 1:16). Yesuus qulqulluu waan ta’eef duuka-buutoni isaas qulqulluu ta’uu qabu. (cf. Rom. 8:28-29; II Qor. 3:18; Gal. 4:19; Efe. 1:4; I Tas. 3:13; 4:3 I Phex. 1:15). Kiristiyaannonni Kiristoosiin fakkaatanii tajaajiluudhaaf fayyifaman (qulqullummaan)

▣ **“Maqaa keetiin isaan eegi”** Yesuus eegumsa bartoota isatiif humna ta’uu fi humni Waaqayyoo isaaf kennee isaaniif akka kennamuuf kadhataa jira. (Lakk. 12). Kunis akkuma inni biyya lafaa cubbuun guute keessatti tajaajile isaanis biyya lafaa cubbuun guute keessatti akka tajaajilan isaan dandeessisa (lakk. 18). Kunis bu’aawwan tokkummaa (Lakk. 21)

1. Abbaa
2. Ilma
3. Bartoota

Gidduu jiruun argaman keessaa isa tokkodha.

▣ **“Akkuma nuyi tokko taane ... tokko akka ta’aniif”** kun hariiroo tokkummaa sadan tokkummaa agarsiisa (cf. Lakk. 21,22,23;10:30;14:10). Kunis Kiristiyaannotaaf kadhannaa fi itti gaafatamummaa guddaadha! Waamichi tokkummaa kun bara keenya keessa carraa guddaadha. (cf. Efe. 4:1-6). Tokkummaan, tokko ta’uu miti, karaa waldaan Waaqayyo irraa adda baatee deebitee ittiin tokkummaa uumtu dha.

17:12 “Isaan nan eege; waan hamaattii isaan eegeera” Abdiin barreeffama kana keessatti caqafamee eegumsa Yesuus isa bara baraaf jiraatudha (cf. I Phex. 1:3-9).

Vincent Kitaaba isaa *“Word Studies in the New Testament, Vol. 1, M.R”* keessatti xumura kana lamaan haala garaa garaan ibsa. Akka inni jedhutti inni jalqabaa (*teriō*) oolchuu jechuudha, inni lammaffaan (*phulassō*) immoo eeguu jechuudha (fuula 496).

▣ **“tokko illee kan bade hin jiru”** kun humna eegumsa Yesuus agarsiisa (cf. 6:37, 39;10: 28-29).

Yaada garaa garaa lama waan agarsiisuuf jecha kana (*apollum*) hiikuu ulfaataa dha. Gerhard kittel kitaaba isaa *“Theological Dictionary of the New Testament, Vol. 1”* keessatti akka dubbatutti, “akka walii galaatti himoonni bu’uuraa #2 fi #4 akka wangeela Luqaas, Maatiwoosii fi Maarqos keessatti ibsametti biyya lafaa kana agarsiisu, #1 fi #3 immoo akka barreeffamoota Phaawuloosii fi Yohaannis biyya lafaa dhufuuf jiru agarsiisu” fula 394. hiikaawwan inni kennus

1. “balleessuu ykn ajjeessuu”
2. “Kufaatii”
3. “baduu”
4. “manca’uu”

Dubbiin kun yeroo baay’ee barsiisa amantii guyyaa firdii booddee namoonni hin fayyine hin jiraatan jedhu (annihilation) ibsuuf gargaara. Kun immoo Dan. 12:2 Wajjin waan wal mormu fakkaata. Garaagarummaa yadota wangeela Maarqos, Maatiwoosii fi Luqaas keessatti caqfamarii fi barreeffamoota Phaawuloos fi Yohaannis warra fakkeenyaan badiisa qaaman utuu hin ta’iin badiisa hfuuraa agarsiisan gidduu jiruu wajjinis tokko miti. Mata duree addaa 10:10 irraa ilaali.

▣ **“Ilma badiisaa malee”** kun Yihuudaa nama biyya Keriyyot agarsiisa. Gaaleen kun II Tas. 2:3 keessattis caqafameera (ilma cubbuu) kun jechama Ibrootaa “nama badiisaaf qophaa’e” agarsiisudha. Mata duree addaa 6:64 irraa ilaali.

▣ **“Dubbiin macaafa akka raawwatamuufis”** kun Far. 41:9 isa Yoh. 13:18; 6:70-71 keessaatti waraabamee agarsiisa

17:13 “Amma garuu gara keen an dhufa” kun agarsiisuu kan danda’u

1. Kadhannaa Yesuus (Yoh. 17)
2. Gara Waaqaatti ol ba’uu Yesuus (Lak. 11; HE 1)

▣ **“dubbii kana biyya lafaa keessatti nan dubbadha”** kun duubatti deebi’ee

1. 11:42, akka warri kaan dhaga’anitti Yesuus sagalee isaa ol fudhatee dubbachuu isaa
2. 15:11 dubbii Yesuus kallattiidhaan “gammachuu” bartootaa wajjin wal qabachuu isaa agarsiisuu danda’a.

▣ **“Gammachuu koo guutummaatti akka qabaataniif”** kakuu ajaa’ibsiisaa akkaamiiti? (cf. 15:11; 16:24). Yohaannis dubbii kana irra deebi’ee dubbata (cf. I Yoh. 1:4; II Yoh. 12).

17:14 “Ani dubbii kee isaaniif kenneera” Asitti jechi “dubbii” jedhu logos jechuudha. Lak. 8 keessatti jecha Giriikii hiikaa wal fakkaataa qabu rhima jedhamutti gargaarame. Kan yaada Waaqayyoo karaa namummaa, barsiisaa, fi fakkeenyummaa Yesuus of mul’isuu isa kan mirkaneessudha. Yesuus sagalicha, sagalichas isaaniif kenne. Sagalichi Yesuusiin akkasumas dubbii Waaqayyoo agarsiisa. Nu’is nama wangeelli waa’ee isaa dubbatu simannee ergaa wangeelaa amanne!

▣ **“Biyyi lafaa isaan jibba”** Biyya lafaatiin jibbamuun mallattoo Yesuusiin simatamuuti (cf. Yoh. 15:18-20; I Yoh. 3:13).

▣ **“Isaanis kan biyya lafaa waan hin ta’iniif”** Amantoonni biyya lafaa keessa jiraatu, garuu kan biyya lafaa miti (cf. Lak. 16: I Yoh. 2:15-17).

▣ **“Akkuma ani kan biyya lafaa hin ta’in”** “biyyi lafaa” bara cubbuu namaa fi hojii hamaa seexanaatiin guute kana agarsiisa (cf. 8:23). Kun fakkeenya Yohaannis Yesuus Waaqa irraa dhufuu isaa fi kan Waaqaa ta’uu isaa ittiin agarsiise kan biraadha.

17:15 “Biyya lafaa keessa akka isaan baafuuf si hin kadhaddhu” Kirstiyaanonni biyya lafaa keessatti ergama qabu. (cf. Lak. 18; Maat. 28:19-20; Luq. 24:47; HE 1:8). Gara manaatti galuudhaaf yeroon isaa hin geenye!

▣

NASB, NKJV **“isa hamaa”**
NRSV **“isa hamaa”**
TEV, NJB **“isa hamaa”**

Jechi kun saala hin agarsiisu yookiis sala dhiiraa agarsiisa. Kutaan kun yeroo baay’ee humna hafuurri hamaan nama irratti qabu (akka waan qabatamaa tokkootti) (cf. 12:31; 13:27;14:30;16:11). Kanaaf, lakkoofsi kun akkuma Maat. 5:5;37; 6:13; 13:19, 38, “isa hamaa” sana ta’uu qaba (cf. II Tas. 3:3; I Yoh.2:13-14; 3:12:5:18-19). Mata duree addaa 12:31 irraa ilaali.

17:17 “Isaan qulqulleessi” kun hundee “qulqulluu” jedhu irraa (*hagios*) dhufe. Kana jechuun

1. Waamicha amantootaa Kristoosiin fakkaachuudha (cf. Lakk. 19: Rom. 3:24; Gal. 4:19; Efe. 1:4; I Tas. 5:23). Kun immoo ta’uu kan danda’u dhugicha isa sagalee jiraataa ta’e (Yesuus cf. 10:36) fi sagalee barreeffame ta’e (macaafa qulqulluu, cf. 15:3) beekuudhaan qofa.
2. Akka kakuu moofaatti “qulqullaa’uu” jechuun akka waliigalaati “Waaqayyooof hojjechuuf adda ba’uu” jechuudha. Lakkoofsi 18 kaayyoo “qulqulleeffamuu” isaanii ifa godha.

Dhimmi guddaan #1 yookiis #2 dhugaa ta’uu miti. Lamaan isaanii iyyuu dhugaadha. Jireenyi Yesuus barbaachisummaa lamaan isaanii agarsiiseera (cf. Lak. 19).

Yohaannis ergamoonni haala bara Kakuu Moofaaluboonni hojii Waaqayyootiif adda ba’uu isaanii wal fakkaatuun hojii Waaqayyoo tiif qulqulleeffamuu isaanii ibsuu waan barbaade fakkaata. Lubboonni aarsaa bara Kakuu Moofaafi Waaqayyoo gidduu kan dhaabatan turan, garuu bartoonni akka warra kristoos al tokkotto hundumaaf aarsaa ta’uu isaa mul’isaniitti tajaajilan (macaafa Ibrootaa isa Kakuu Moofaafi haaraa wal bukkee qabee ilaalu ilaali).

▣ **“dubbiin kee dhugaadha, dhuichaan”** kun ergaa waa’ee Waaqayyoo Yesuus fide agarsiisa (cf. 8:31-32). Yesuus ergaa Waaqayyoo (logos, cf. 1:1,14) akkasumas dhugaa Waaqayyoo (cf. 14:6) jedhameera. Hafuurri qulqulluun yeroo baay’ee hafuura dhugaa (cf. 14:17;15:26; 16:13) jedhama. Amantoonni kan qulqulleeffaman dhugichaan (cf. Lak. 19) akkasumas Hafuura qulqulluudhaani. (cf. I Phex. 1:2). Mata duree addaa 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

“dubbiin kee dhugaadha” inni jedhu karaa biraa LXX irraa Far. 118:142 keessatti isa “qajeelummaan kee kan bara baati. Seerri kees dhugaadha” jedhu kana agarsiisu yookiis waraabbii isaa ta’uu danda’a. Yesuus akka armaan gaditti fudhatamee akka ture gaaffii hin qabu.

1. Musee isa haaraa (keessa deebii 18:15)
2. Ergamoonni isaa akka luba haaraatti (xumura “qulqulleessuu” jedhutti fayyadamuu isaanii)
3. Jireenyi isa akka karaa Waaqayyoo dhungan inni tokkichii ittiin mul’atuutti.

4. Tokkummaan sadan tokkummaa fi ergamootaa akka kaayyoo uumamaa isa raawwatameetti (jechuunis Uumama 1:26-27)
5. Yesuus raawwatamuu Uma. 3:15 akka ta’etti.

17:18 “Akka ati biyya lafaatti na ergite” hanga du’aatti abboomamuu fi tajaajiluun jireenya Yesuus (II Qor. 5:14-15; Gal. 2:20; I Yoh. 3:16), duuka buutota isaatiif qajeelfama kan ta’u dha. (cf. Lak. 19). Inni immoo akkuma ofii ergame gara biyya lafaa cubbuun kufteetti isaan erguuf jira (20:21 keessatti). Isaan biyya lafaa irraa fagaachuu utuu hin ta’in biyya lafaa ofitti hawwachuu qabu. Mata duree addaa “erguu” (Apostello) jedhu 5:24 irraa ilaali.

17:19 “ani isaniif of nan qulleessa” akka galumsa kanaatti kun dhiphina isaa agarsiisa! Yesuus fedha abbaa raawwachuuf ofii isaa kenne (jechuunis, Marq. 10:45).

▣ **“isaan immoo dhugaatti kan qulqullaa’an akka ta’aniif”** kun gocha jalqabee sichis itti fufu agarsiisa. Kun taateewwan armaan gadii wajjin wal qabata.

1. Hojii Kristoos fannoo irratti, du’aa ka’uu isaatiin, akkasumas gara Waaqaatti ol ba’uu isaatiin hojjechuuf ture.
2. Yeroo hundumaa yaada qalbii diddiirannaatiin Yesuusii fi barsiisa isaatti amanuu isaanii.

Mata duree addaa 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 17:20-24

²⁰“Isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhaga’anii anatti amananiifis immoo nan kadhada malee. ²¹ Isaanis tokko kan ta’aniif, yaa abbaa, akka ati ana keessa jirtu, isaanis nu keessa haa jiraataniif, biyya lafaas ati akka na ergite haa beekuuf kadhachuu kooti. ²² Akkuma nuyi tokko taane, isaanis tokko haa ta’aniif, ulfina ati anaaf kennite isaaniif kenneera. ²³ Ani isaan keessa ati na keessa jiraachuu keetiin isaanis raawwatani tokko haa ta’an; biyya lafaas ati na erguu kee, akkuma na jaallatteef isaan immoo jaallachuu kee haa beeku! ²⁴ Yaa abbaa, isaan ati anaaf kennite kun iddoo ofii jiraadhu haa jiraataniif, ulfina isa ati utuu biyyi lafaa hin uuamamiin waan na jaallatteef anaaf laattes, haa arganiif nan fedha.

17:20 “warra dubbii isaanii dhaga’anii anatti amananiifis” kun amantoota itti fufanii jiran hundumaa, akkasumas 10:16 keessatti immoo ormoota iyyuu ni agarsiisa.

Mata duree addaa 2:23 irraa ilaali.

▣ **“dubbii isaanii dhaga’anii”** kun jecha logos jedhamu dha. Sababa lakk. 14 keessatti fayyaduu isaa fi lakk. 8 keessatti jecha rhema jedhuu wajjin hiikaa wal fakkaataa qabaachuu isaatiif, kun ergaa Waaqayyoon mul’isuu Yesuus namootatti dabarsuu ergamootaa agarsiisuu qaba.

17:21 “Isaanis tokko haa ta’anif” Tokkummaan kun tokkummaa sadan tokkummaa irraa adda ta’uu hin danda’u (cf. Lakk. 11,22,23; Efe. 4:1-6). Kun barsiisa Yesuus keessaa isa tokko ta’ee, kan duuka buutonni isaa hin hordofnedha.

▣ **“biyyi lafaas ati akka na ergite haa beekuuf”** Wangeela labsuu keessatti kaayyoon tokkummaa kana. Lak. 23 caasaa fi xiyyeeffannaa isaatiin baay’ee kanaa wajjin kan walitti dhiyaatudha!

Kadhannaa Yesuus keessa yaadonni hubachuun nama rakkisu jiru. Innis biyya lafaaf hin kudhanne (cf. Lak. 9), garuu duuka buutota isaa Waaqayyo biyya lafaa waan jaallateef ergaa isaa akka himaniif biyya lafaatti erga, kunis ari’atama isaanitti fiduuf jira (cf. Lak. 21,23; 3:16). Waaqayyo biyya lafaa guutummaan akka fayyuu/amanu barbaada (cf. I Xim. 2:4; Tito. 2:11; II Phex. 3:9). Waaqayyo warra akka bifa isaa fi fakkeenya isaatti uumaman hundumaa ni jaallata. Yesuus cubbuu guutummaan biyya lafaatiif du’e. Mata duree addaa “erguu” jedhu 5:24 irraa ilaali.

17:22 “ulfina ati anaaf kennite isaaniif kenneera” ulfinni kun ergaa isa Waaqayyoon mul’isu agarsiisa. Isaan akkuma Yesuus ergaa abbaa baate ergaa isaa baachuuf jiru. Kun immoo dhiphina isaas akka baatan isaan taasisa!

A.T. Robertson kitaaba isaa “*Word Pictures in the New Testament, Vol. V*” keessatti akka dubbatutti, “kun ulfina dubbii bara baraa 17:24 keessatti caqafamee utuu hin ta’in ulfina sagalee isa foon uffatee (cf. 1:14 fi 2:11) tti” (fuula 280) ibsa guutuu waa’ee “ulfinaa” 1:14 irraa ilaali.

17:23 “isaanis raawwatani tokko haa ta’an” akkuma lak. 19 *kun* (1) hojii Kristoos hojjechuuf jiru yookiis (2) amantii isaanii yeroo hundumaa wajjin kan wal qabatudha. Kun isaan duraan dursanii karaa Yesuus tokko ta’uu isaanii fi kunis akka itti fufu yaada agarsiisu of keessaa qaba:- kaayyoon tokkummaa Wangeela labsuudha.

▣ **“akkuma na jaallattes isaan immoo jaallachuu kee”** kun kakuudha (cf. 16:27 fi 14:21,23), garuu aal-duree qaba. Waaqayyo karaa kakuu namaa wajjin wal quunama (“yoo ... ta’a/godha”)

Jaalala (*agapeō*) jechi jedhu Yoh. 1-12 keessatti yeroo saddeet, Yoh. 13-17 keessatti immoo yeroo 31 caqafame. Dubbiin kutaa gara olii karaa dubbii fi hojii ilmaa, du’aa ka’uu isaa, keessumaa immoo karaa Phenxeqoosxee, karaa ergamootaa amalli Waaqayyoo mul’ifamuu isaa irratti xiyyeeffata. Waaqayyo jaalala (cf. I Yoh. 4:7-21).

17:24 “iddoon ofii jiraadhu haa jiraataniif” Yesuus duuka buutota isaf iddoo qopheessuudhaaf gara ulfina isaatti deebi’uutti jira (cf. 14:1-3). Biyyi lafaa kun akkuma mana isaa hin taane, mana keenyas miti! Biyyi lafaa uumama isaati (Uma. 1-2) oolchamuufis jira (Mul. 21-22).

▣ **“ulfina isa ati ... anaaf laattes, haa arganiif”** lakkoofsa kana keessatti jechi “ulfina” jedhu hiika lak. 22 keessatti qabu hin qabu. Asitti ulfina Waaqummaa Yesuus duraan dursee qabu waan agarsiisu fakkaata.

▣ **“Biyyi lafaa utuu hin uumamiin”** sadan tokkummaan uumama duraa iyyuu dhimma fayyinaa of harkaa qabu ture. Gaaleen kun Kakuu Haaraakeessatti iddoo baay’etti caqafameera (cf. Mat. 25:34; Luq. 11:50; Efe. 1:4; Ibr. 4:3; 9:26; I Phex. 1:20; Mul. 13:8; 17:8).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA17:25-26

²⁵Yaa abbaa ko, qajeelaa! Biyyi lafaa kun si hin beeku, ani garuu si beeka, isaan kunis immoo ati akka na ergite beekaniiru. ²⁶Maqaan kee isaan biratti akka beekamu godheera, jaalalli ati ittiin na jaallatte isaan keessa akka jiraatuuf, anis isaan keessa akkan jiraadhuuf, ammas akka beekamu nan godha” iedhe.

17:25 “Yaa abbaa ko, qajeelaa!” Maqaan kun Kakuu Haaraakeessatti iddoo kana duwwaatti caqafame. Isa kak. 11 keessatti “abbaa qulqulluu” jedhuu wajjin wal fakkaata. Jecha Ibraa’isxii “safartuu leemmana” jedhu irraa dhufe. “Firdiin” Waaqayyoon madaalama! Mata duree addaa I Yoh. 2:29 irraa ilaali.

▣ **“Biyyi lafaa k un si haa beeku”** Namoonni Waaqayyotti ada ba’anii jiraatan (ati fayyadama addaatti Yohaannis fayyadamu) Waaqayyoon hin beekan (cf. 17:25) ilma isaas hin beekan (cf. 1:10). Biyyi lafaa hamaa fi jal’aadha (cf. 3:19-20; 7:7).

▣ **“ani garuu si beeka”** Yesuus madda odeeffannoo waa’ee Waaqayyoo isa hundumaa caalaa qulqulluu fi guddaa ta’edha. (cf. 1:18;3:11).

17:26 “Maqaan kee isaan biratti akka beekamu godheera” kun Yesuus amala abbaa fi karoora inni ilmaan namaa fayyisuuf qabu (cf. Lak. 6,11, 12; HE. 2:23; 3:18; 4:28) mul’isuu isaa agarsiisa. Jechi “beekuu” jedhu lak. 25-26 keessatti yeroo shan caqafame.

▣ **“ammas akka beekamu nan godha”** kun (1) Yesuus yeroo hundumaa karaa hafuura Qulqulluu isa barsiisa isaa ifa godhuu mul’achuu isaa, yookiis (2) taateewwan fayyisuu raawwachuuf jiran agarsiisa. Galumis barreeffama kanaa yaada #1 agarsiisa. Fayyinni, nama, ergaa, murtoo fi adeemsa jireenyaa, amantii jalqabaa fi amantii itti fufu of keessatti hammata. Kunis hiikaa Afaan Giriikii fi Ibraa’isxii “beekuu” jedhu of keessaa qaba.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Kadhannaan barumsa macaafa qulqulluu keessatti maaliif baay'ee barbaachisaa ta'e?
2. Yihudaan amanaa eebba irraa kufe turee?
3. Kaayyoon tokkummaa keenyaa maali innii?
4. Yesuus duraan dursee jiraachuu isaa beekuun maaliif nama barbaachisa?
5. Akka galumsa kanatti jechoota furtuu ta'an armaan gadii ibsi.
 - a. "ulfina argachuu"
 - b. "kennuu"
 - c. "beekuu"
 - d. "erguu"
 - e. "maqaa"
 - f. "dubbii"

YOHAANNIS 18

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dabarfamee kennamuu (Ganamuu) fi Qabamuu	Dabarfamee kennamuu fi qabamuu Geetasamaaneetti ta'e	Qabamuu, fuula abbaa seeraatti dhihaachuu, Fannifamuu fi Awaalamuu Yesuus (18:1-19:42)	Qabamu Yesuus	Qabamu Yesuus
18:1-11	18:1-11	18:1-11	18:1-11 18:5a 18:5b 18:5c-7a 18:7b 18:8-9 18:10-11	18:1-11 18:10-11
Yesuus fuula abbootii murtii duratti	Hangafa luboota duratti		Yesuus Annaas fula duratti	Yesuus Annaasii fi Caiaphas, Phexiroos duratti
18:12-14	18:12-14		18:12-14	18:12-14
Phexiroos Yesuus ganuu isaa	Phexiroos Yesuusiin gane		Phexiroos Yesuusiin gane	
18:15-18	18:15-18	18:15-18	18:15-17a 18:17b 18:18	18:15-18
Hangafni lubootaa Yesuusiin gaafachuusaa	Yesuus hangafoota lubootaatiin gaafatamuusaa		Hangafni lubootaa Yesuusiin gaafachuusaa	
18:19-24	18:19-24	18:19-21	18:19-21 18:22 18:23 18:24	18:19-21
Yesuus ammas Yesuusiin ganuu isaa	Phexiroos ala lammaffaa dabalee Yesuusiin ganuu isaa		Yesuus ammas Yesuusiin ganuu isaa	
18:25-27	18:25-27		18:25a 18:25b 18:26 18:27	18:25-27

Yesuus fuula Philaaxositti	Mana murtii Philaaxoos keessatti		Yesuus fula Pixaaxoos dura	Yesuus fula Pixaaxoos dura
18:28-38a	18:28-38	18:28-32	18:28-29	18:28-32
			18:30	
			18:31a	
			18:31b-32	
		18:33-28a	18:33	18:33-19:3
			18:34	
			18:35	
			18:36	
			18:37a	
			18:37b	
			18:38a	
Yesuusitti duuti murtaa'uusaa	Bakka Barabbas bu'uu isaa		Yesuusiti duuti itti murtaa'e	
(18:38b-19:16c)			(18:38b-19:16a)	
18:38b-19:7		18:38b-19:7	18:38b-39	
	18:39-40		18:40-19:3	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Ttokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Ttokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

BARREEFFAMA NASB (WAN FOOYYA'E) :18:1-40

- A. Yohaannis waayee dhiphinaa fi gidiraa Yesuus geetasamaaneetti turee hin dubbatu. (Boqonnaan 17 s haaluma wal fakkaatuun yoodhuma ta'ellee) kunis sababiin isaa yohaannis dandeettii(aboo) Yesuus isa haala hundumaa gararraa ta'e sana irratti xiyyeeffannoo waan kennuuf. Inni fedhuma Mataa isaatiin (mataadhuma Isaatiin) lubbuu isaa dabarsee kenne. (cf. 10:11, 15, 17, 18).
- B. Toorri gochaalee (events) boqonnaa kanaa hamma tokko akkaataa wangeela kaanii irraa adda (synoptic Gospel). Garaa garummaan kunimmoo kan dhufeef sababwwan :-
1. Amala barreeffam ragaa ijaa
 2. Kaayyoo amantii (Theological) barreessichaa irraan kan ka'e fakkaata.
- C. Wongeelli Yohaannis wangeelota warra kaan (synoptic Gospels) irraa baay'ee adda. "Maaliif"fi "akkamittiin" gaaffiiwwan beektonni (qorattoonni) deebisuu hin dandeenyeedha. Dhimma kana ilaalchisee marii hundumarra caalu kanan arge Doglas Start , Gorden Fii keessatti Mataduree " Hubannoo isaa hundumaa argachuudhaaf akkaataa kitaaba qulqulluu itti dubbisan" jechuudhaan marii taasifameedha. bakka kanatti yaadawwan (theories) hedduutu kenname. Akkuma beekamu barreessitoonni wangeelaa geggeessaa hafuura qulqulluutiin jechuudha dubbiiwwanii fi hojiilee Yesuus
1. Keessaa filachuudhaaf (select from)
 2. Akkaataa haalichaatti walfudhachiisuu (adapt)
 3. Qajeelchuuf (rearrange) mirga (walabummaa) guutuu qabu ture. Isaan dubbiiwwanii fi hojiilee Yesuus sirreessuuf (akkaataa barbaadanitti qajeelchuu) ni danda'u jedhee hin yaadu, garuu akkaataa isaaniif ta'utti mijeessuudhaan Yesuusiin saboota adda addaatti muldhisuuf itti fayyadamuu danda'u jedheetan yaada. Wangeelli seenaa warra dhiha biiftuu akka hintaane sababii fi bu'aa akkasuma walduraa duubummaa seenaa (cause and effect and chronological) yaadachuu qabna. Wangeelli seenaa warra baha biiftuu ti. Wangeelli seenaa namootaa (biography) utuu hin taanebarreeffama waayee wangeelaa (Evangelistic) ti malee. Seera qabeessummaa murtiitti dhihaachuu Yesuus ilaalchisee :
- D. Boqonnaa kana irratti hubannoo argachuuf kan fayyadu kitaabni gaariin tokko kitaaba (cf;Sanhedrin, 4:1), A. N Sherwin White "Roman Society and Roman Law in the NT. jedhamu dha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 18:1-11

"Yesuus dubbii kana erga dubbatee bartoota isaa wajjin ka'ee,iddoo dhaabaa Dachaa Qeedroon gama jiru tokko dhaqe;inni,bartoanni isaatiis „dhaabaa sana keessa lixan.Yesuus yeroo baay'ee bartoota isaa wajjin achitti wal arga waan tureef,yihuudaan inni dabarsee isa kennuufure iddoo sana in beeka ture. Yammus Yihuudaan loltuu kutata tokko, warra eegduu mana qulqullummaa, hangafoota Lubootaa fi fariisota iraa ergamanis ,ofduukaa buusee dhufe;jarri guca ,ibsaa ,mi'a lolaas in baatu turan.Yesuus waan isatti dhufuuf jiru hundumaa beekke,ka'ee itti adeemee " eenyuun barbaadduu?" isaaniin jedhe.Isaan immoo deebisanii, "Yesuusiin,namicha biyya Naazireet" jedhan; kanarratti Yesuus, "innoo ana" jedhe. Yihuudaan inni dabarsee isa kennus isaanumaa wajjin in dhabata ture.yeroo inni "innoo ana" isaaniin jedhetti,gara booddee isaaniitti deebi'anii in kukkufan.Ammas, " eenyuun barbaadduu?" jedhee isaan gafate;isaan mmoo "Yesuus namicha biyya Naazireet" jedhan.Yesuus deebisee " innoo ana jedhee isinitti himeera,kanaaf ana barbaaddu yoo ta'e,isaan kana dhiisaa,haadhaqani,jedhe.Dubbiin inni kanaan dura , "warra ati anaaf kennite keessaa tokkollee hin ganne" jedhe akka raawwatamuuf kana dubbate. Simoon Pheexroos billaa qaba ture iyyuu luqqifatee naa'oo angafa lubootaa rukutee gurra isaa irraa kute;maqaan naa'oo sanaa immoo Maalkos ture.Yesuus garuu Pheexiroosiin " billaakee mandhee isaatti deebisi!" jedheen.Xooffoo dhiphinaa abbaan anaaf kenne keessaa hin dhuguuree?" jedhe.

18:1 "iddoo dhaabaa dacha qeedroon" jechi "ravine" jedhu kun dachaa yeroo gannaa bishaaniin guutu, ykn corroqa jechuudha. "Qeedroon" (BDB871). Kunis dacha (hallayyaa) yeroo bonaa gogaa bishaan hin qabne, yeroo gannaa garuu kan bishaan yaa'u qabu jechuudha. Bakcf.kunis bakka dhiigni aarsaalee gaara Mooriyaam irraa itti gadi yaa'u ture.

Tarii kun burqaa jecha “black” ykn gurraaha jedhuu ta’uu mala. Innis gaara mana qulqullummaa fi gaara ejersaa (Mount Olive) gidduu ture(cf. LXX II Saamu’eel 15:23, II Mootota 23:46, 12, 2Qor. 15:16; 29:16; 30:14; Eriyaas 31:40)

Bakkee kanarratti barreeffamoota Girik kan adda addummaa qabantu jiru.

1. “of the cedars” (*kedron*) in MSS B, C, L and several other uncial manuscripts
 2. “of the cedar” (*kedrou*) in MSS –D, and W
 3. “of kedronn”(*kedron*) in MSS A and S
- UBS4 n lakkoofsa sadaffaa fayyadama.

▣ **“Bakka dhaabaa”** Boqonnaan kun gidiraa fi dhiphina Yesuus geetasamaaneetti keessa darbe irra cehuudhaan (omits) bakka inni qabame bakka dhaabaa (garden) ta’uu isaa muldhisa. Bakcf. kunis bakka Yesuus boqonnaadhaaf filatuudha(cf. lak. 2; Luq. 23:39). Yesuus akkuma beekamu torban jireenya isaa isa lafa kanarraa isa dhumaa achi bulaa ture(cf. Luq. 21:37).

Xaa’oon waan isa xureesseesf yerusaalem keessatti bakkeen dhaabaa (garden) hin eeyyamaman ture. Kanaafuu namoonni sooreyyiin hedduun iddoo dhaabaa Woyinii, iddoowwan fuduraa gaara irraa qabu ture.

18:2 Kun yaada giddugeessaa(Editorial) Yohaannis kenneedha.

▣ **“Waayee Yihuudaa”** fi akeeka isaa ilaalchisee Yaada(speculation) hedduutu jira ture. Wangeela yahaannis keessatti waayeen isaa yeroo hedduu kaafama, maqaan isaas xuraayee dubbatama(cf. 6:70-71; 12:4; 13:2; 26; 39; 18:2, 3, 5). Taphni(play) ammayyaa “Jesus Christ Superstar” jedhu akka waan inni amantii guddaa qabuu (amanaa ta’ee)garuu duuka bu’aa “disillusioned” ta’e fi kan hojii Masiihicha Yihuudotaa Kakuu Moofaakeessaa akka inni raawwatuuf dhiibbaa Yessuusiratti taasisetti muldhate. Kunis, warra Roomaa kuffisuu, warra cubbamootaa adabuu fi Yerusaalemiin immoo Magaalaa guddittii addunyaa gochuudha ture. Haa ta’u iyyuu malee garuu yohaannis yaada(motive) isaa akka waan dognummaa fi gocha seexanaatiin dadammaqeetti(kaka’eetti) muldhisa.

Rakkoon inni guddaan dhimma qorannoo amantii (theological) Walabummaa (sovereignty)Waaqayyoo fi fedha ilmaan namootaa (Human free will) dha. Waaqayyoo ykn Yesuus yihuudaa dhimma faayidaa mataa isaaniitiif itti fayyadamaniirruu(manipulate)? Ykn immoo miidhaa isa irraan namni gahe jira turee? Seexannis isa abboomee(dhuunfatee) controlled) haa ta’u, waaqayyoo akka Yihuudaan Yesuusiin ganu dursee murteessuus haa ta’u, yihuudaan gocha raawwateef itti gaafatamaa(responsible)? Kitaabni qulqulluun gaaffilee kanniin fuulaa fuulatti yommuu kaasee debii itti laatu hin arginu. waaqayyoo seenarratti aboo qaba; waan fuula duratti ta’uuf jiru hunda ni beeka, namoonni garuu gochaalee fi filannaa hardha lafa kana irratti raawwataniif itti gaafatamuuf jira. Waaqayyoo gaariidha, inni waaqa nama miidhu(manipulate) miti.

Kitaabni Yihuudaadhaaf falmuu yaalu tokko :kan “yihuudaan ganaa(betrayer) dha moo dhibantaa(jaallee) friend) Yesuusi?” jedhu, nama maqaan isaa Wiliyam Kilaaseen Jedhamuun barreeffamee, bara 1996 fortress pressn maxxanfame tokko nijira. Kitaabni kun ragaa(testimony) yohaannis Waayee Yihuudaa dubbate waan faallessuuf ani yaada kitaabichaa wajjin walii hingalu. Haa ta’u malee garuu kan namatti toluu fi akka nuti gadi fageeynaan yaannu kan nu taasisuudha.

MATA DUREE ADDAA: FILANNOO /PREDESTINATION AND THE NEED FOR A THEOLOGICAL BALANCE

Filannoo (yaada:wanti ammas ta’e fuula durattis ta’uuf jiru hundi dursee waaqayyoon murteeffameera jedhu (Predestination) fi barbaachisummaa madaallii (balance) barnoota hafuura. Filannoon seera (doctrine) hedduu gaariidha.Haata’u iyyuu malee garuu filannoon waamicha namoonni ittiin warra jaallatan fayyadan (favoritism) utuu hin taane,namoonni biraan akka ittiin cubbuu isaaniirraa fayyaniif akka meeshaatti fi karaatti ta’ee fayyadudhaaf.Kakuu moofaa keessatti jechichi gara caalu tajaajilaaf fayyada ture; kakuu haaraa keessatti jechichi irra caalaa fayyinaaf (salvation) isa tajaajilaa keesssaan muldhatuuf fayyada ture. Kitaabni Qulqulluun taumaa yaada waayee walabummaa (sovereignty) Waaqayyoo fi Walabummaa fadha ilmaan namaa(human free will),isa faallaa walii fakkatu waliti hin araarsu,lamaanuu isaanii iyyuu cimsa malee. Yaada Walabummaa Waaqayyoo(sovereignty) fi fedhii walaba namootaa (human free will) ilaalchisee

fakkeenyi gaariin Gara Warra Roomaa 9 Waayee walabummaa waaqayyoo ilaalchisee ,Gara warra Roomaa 10 immoo Waayee deebii (response0 namoonni deebisuu qaban iidha (cf. 10:11,13).

Yaada barumsa amantii hafuura kana ilaallatu irratti dubbiin ijoo efesoon 1:4 irratti muldhata. Yesuus nama Waaqayyoon filatameedha,namootni hundi immoo isa keessatti filatamu.(Karl Barth) Yesuus fadha ilmaan namootaa warra cubbamootaatiif (fallen mankind's need) “eeyyee” (Yes) Waaqayyooti.(Karl Barth).Efesoon 1:4 yammuu dubbifannu kaayyoon dursee murteessuu (predestination) Waaqayyoo mootummaa Waaqayyoo (heaven) utuu hin taane, qulqullummaa (holiness) yesuusiin fakkaachuu ta'uu isaa cimsee ibsa.Yeroo hedduu gara bu'aalee (faayidaalee) Wangeelaatti achi harkifamnee dirqama wangeelli (waaqayyo) nu irraa barbaadu immoo irraanfanna,waamichi,(filannaan)Waaqayyoo Yeroodhaaf (for time) akkasumas imoo jireenya barabaraatiif.

Seeronni (doctrines) kan isaan dhufan (muldhatan) dhugaalee kanneen biraa waliin wal cina qabamuudhaani malee qophaa isaanii miti.Kana jechuunis dhugaalee walitti dhufeenya hin qabne miti jechuudha. Kanaaf ffakkeenya gaarii kan ta'u tuuta urjii fi urjii tokkittii kophaa jirtuudha.Waaqayyoo dhugaa karaa baha biiftuu muldhisa malee Karaa gosa dhihaatiin miti. Dhugaalee seeraa wa ntota faallaa ta'an lamaanii uumaman irraanfannu hin qabnu:

1. Dursee murteessuu(waan duurse murteeffamee) fi Fedhii namaa isa walaba(predestination vs Human free will)
2. Nageenya amantootaa fi barbaachisummaa (perseverance)
3. Cubbuu dhaalaa fi cubbuu utuu beekanii hojjetan
4. Cubbuu malee ta'uu (perfectionism) fi cubbuu muraasa hojjechuu(sinning less)
5. Jalqumaan battalumaan fayyuu fi ququlleeffamuu fi qulqullaahuu yerrodhaa gara yerootti fooyya'uu suuts suutaan) progressive sanctification).
6. Walabummaa fi itti gaafatamummaa kiristaanaa (responsibility Vs sovereignty)
7. waaqummaan isaa kan daaangaa hin qabne ta'uufi ala tokichaan bakka hunda jiraachuu Waaqayyoo(God's transcendence Vs God's immanence).

18:3

NASB “**Kutaa (kutata) waraana Roomaa**”
NKJV “**gartuu loltootaa**”9detachment of troops)
NRSV “**gartuu loltootaa (soldiers)**”
TEV “**gartuu loltoota Roomaa**”
NJB “**Kutata Waraanaa**”

Iddoon kun waayee kutata loltoota Roomaa, kan raayyaa roomaa keessaa harka kudhan turanii fi gara namoota 600 kan ta'an daannoo Mana qulqullummaatti (temple) aanee jiru, Antooniyoo jedhamu keessa buufatanii jiranii dubbata. (cf. H. E. 21:31; 33). Gareen hammana baay'atu kun kan waamame ta'uu hinda'uu. Warri Roomaa yeroo sana fiincila yeroo ayyaanaa karaa galaanaa kanneeniiYerusaalemitti ta'aniitiif qophaahan. Isaan waraana isaanii qeesariyaa irra achi dabarsuudhaan of eeggannoo barbaachisaa ta'e fudhachuu danda'uu ture . Warri Roomaa kan isaan dhimma Murtii Yesuus keessa galaniif waan Yihuudonni akka Yesuus fannifamu brbaadu turaniif. Kunimmoo akkuma beekamu guyyoota hedduu fudhate; isaan kana raawwachuu kan danda'an eeyyamaa fi hariiroo Mootummaa Roomaa qofaan waan ta'eef.

▣ **“luboanni warri hangafooni”** poolisiin(eegduun) mana qulqullummaa warra Leewwotaa tuuta loltuu Roomaa Hordufanii turan. isaan yeroo jalqabaa Yesuusiin qabuu hin dandeenye ture. (cf. 7:32, 45).

▣ **“meeshaalee waraanaa”** Waraanni warra Roomaa seefiiwwan(goraadeewwan) baatanii turan. (cf. 6:64, 13:1, 11) akkasumas poolisoonni mana ququllummaa immoo meeshaaleen biro baatu turan (cf. Maat. 26:43; Mar. 14:43; Luq. 22:52).

18:4 “Yesuus waan isatti dhufuuf jiru hundumaa beekke,” Kuni Yesuus qabamuu isaa, fuula abba murtiitti dhiheeffamuu isaa fi fannifamuu isaa akka inni beekuufi aboo isaa jala akka ture cimsee kan muldhisuudha. (cf. 10:11, 15, 17, 18,). Yesuus fannifamuun isaa akkasumaan akka carraatti waan ta'e miti. (cf. Mar. 10:45; H. E. 2:23; 3:18; 14:29). Ergaan kun amala wangeela yohaannis, tarii kan inni waayee walitti bu'iinsa Yesuus Geetasamaaneettii kan inni hin tuqin darbeef iyyuu kanaaf ta'uu danda'a.

18:5

NASB, NJB

“Yesuus Naaziricha”

NKJV, NRSV, TEV

“Yesuus nama biyya Naazireet”

Waayee hiikaa (etymology) jecha “Naazarin”jedhuu kana ilaalchisee falmii hedduutu taasifamaa ture. Tarii hiikni isaa (1) Nazarene; (2) Nazarite; (cf. seera lakk. 6) ; ykn (3) Naazareetii kan dhufe, jechuu ta’uu danda’a ta’a. Fayyadama Kakuu Haaraa(cf. Mat. 2:23) lakkooffsa sadaffaa cimsa. Namoonni kaani immooyyuu dubbifamaa Hibrootaa nzz kana waayee “damee” masiihummaa wajjin walitti hidhu. (nezer, cf. Isa. 11:1; 14:19; 60:21).

MATADUREE ADDAA: YESUUS NAAZARICHA (JESUS THE NAZARENE)

Waayee Yesuus dubbachuudhaaf kan Kitaani Kakuu haaraa itti fayyadamu jechoota Girikii hedduutu jira.

A. Jechoota kakuu haaraa

1. Nazereth-magaala Galiilaa keessa jirtu(cf. Luq.1:26; 2:4,39,51; 4:16; H.E. 10:38).Magaalli kun burqaalee bara ammaa keessatti hin tuqamne(waayeen isaa hin dubbatamne),haata’u malee barreeffamoota bakka adda addaatti,dagaa irratti kkf irratti argamee jira.
Yesuus Naazireetii dhufuun isaa kan isa galateeffachiisu(ulfina kan muldhisu)miti.(cf.Yohaannis 1:46) Mallattoo fannoo Yesuus irratti Yihuudonni kan isaan maqaa bakka kanaa barreessaniif tuffiidhaaf ture.(Mallattoo tuffi Yihuudonni Yesuusiis Qaban).
2. Nazerenos-kunis waanuma bakka muldhisu fakkaata (cf. Luq.4:34; 24:19)
3. Nazoraios- magaala muldhisuuf ta’uu danda’a,haaluma wal fakkaatuun immoo tapha(play) jecha warra Hibrootaa Masiihummaa muldhissuu agarsiisuu danda’a.(Netzer,cf.Isa.4:2; 11:1; 53:2; Erm.23:5; 33:15; Zak.3:8; 6:12; Kakuu Haaraa keessatti immoo Mul.22:16). Luqaas jecha kkana boqonnaa 18:37 fi H.E. 2:22; 3:6; 4:10; 6:14; 22:8; 24:5; 26:9) irratti itti fayyadama.
4. Lakkooffsa sadii wajjin kan wal fakkaatu nazir,kana jechuun “wareegaan eebbisani amantiidhaaf oolchuu”

B. Kakuu haaraadhaa ala itti fayyadama Seenaa keessattii

1. Garee Yihuudota faallaa amanti deema turanii(kiristaanummaa dura) muldhisa
2. Marsaa warra Yihuudota warra kiristoositti amananii muldhisa.(cf.H.E. 24:5,14; 28:22,nosri)
3. Jecha warra Waldaa kiristaanaa warra sooriyaa muldhisuudhaaf fayyadaman ta’e(Aramaic).Kiristaanni Waldaa warra girik keessatti amantoota muldhisuudhaaf itti fayyadamu ture.
4. Erga Yerusaalem kufee booda fariisonni garaagarummaa Mana qulqullummaa fi waldaa Kiristaanaa gidduu jiru muldhisu.
5. Jechichi Nama Justin Martyr,dial.126:1, jedhamuun faayidaa irra oole,namiticha isa Jecha Isaayaas ,”Netzer of Jesus” jedhutti fayyadame jechuudha.

C. Yaada dhuunfaa Barreessichaa(Author’s Opinion)

Garaagarummaa qubeewwanii jechicha keessa jiru hedduun raajeffadhe,haa ta’u iyyuu malee Kakuu Moofaa keessatti waanti akkanaa kun,fkn jechi “ Joshua”jedhu Hibruu keessatti qubee adda addaa hedduu qaba.Kanneen kanaan gadii akkan hiika jjechichaa isa sirriin kana jedhee hin amanne nataasisaniiru.

1. Jecha “damee” Masianic waliin hedduu walittii dhihaatu(netzer)yknis jecha walfakkaataa,nazir(isa karraa wareegaatiin qulqullaahee amantiidhaaf oolu)
2. Hiikaa Negativa “ negative connotation” Galiilaa dhaaf laatame.
3. burqaaleen yeroo dhihoo waayee magaala Galiilaa Nazireet keessa jirtuu wajjin walitti fidanii itti fayyadamuu dhabuu isaanii.
4. Afaan seexanaa keessaa haala “Eschatological” ta’een bahuu isaa :(kunis “ati nuballeessuudhaaf dhuftee?” kan jedhuudha.

Jecha kana guutummaan guutuutti bibliography isaa qorachuudhaaf “Colin Brown(ed), *New International Dictionary of New testament Theology*, gildii 2.fuula 346 ykn Raymond E..Brown, Birth,” fuula 209-213,223-225 ilaalaa.

▣ **“ani isa”** Kun jecha gochaa (verbto be) Hibruu “ana “ jedhu dha. (mataduree addaa 6:20 irra jiru iaalaa.) Yihuudonni YHWH , maqaa Waadaa(covenantal name) waliin walitti fidu. (cf. Se. Bah. 3:14 fi Isa. 41:4). Yesuus kanatti haala miidhagaa ta’een yammuu itti fayyadamu, 4:26; 8:24, 28, 58 fi 13:19)Haala kanaan hubannaadhaaf jech (for emphasis) ala sadii irra deebi’ame. (cf. vv. 6, 8). Jaarmiyaan seerluga kanaa jecha Yesuus beekamaa kan “Ana”jedhu irraa adda.

▣ **“Yihuudaan inni isa ganaa jirus isaa wajjin dhaabatee ture”**Kunis yaada ragaa ijaabarreesaa Wangeela Yohaannis isa kan biraa dha.

▣ **18:6 “isaan gara booddeetti deebi’anii kukkufan”** Yohaannis kana kan inni barreesseef Jabinaa fi waaqummaa Yesuus muldhisuudhaaf. Kunis nama tokkoof sagaduu(qoomma’uu) kan muldhisu utuu hin taane, soda kan muldhisuudha.

18:7 “Ammas Jedhee isaan gaafate; ” Yesuus dhugumatti xiyyeeffannoo bartoota isaatirra gara ofiisaatti naannese. Kunimmoo haala lakk. 8 irrattii jiruun batalumatti waan walsimatu fakkaata.

18:8 “yoo ta’e” kun hima haala irratti hundaa’e guddaadha; isa barbaadan yoo ta’e.

▣ **“Isaan kana dhiisaa haa dhaqan!”** Kuni hima gocha hinxumuramiin agarsiisu (Aorist active imperative.) Raawwatama Macaafa Raajicha Zakaariyaas 13:7 keessatti argamuudha (Matewos 26:31; Yohaannis 16:32 ilaalaa).

18:9 “Dubbiin inni kana dura.... jedhe akka raawwatamuuf kana dubbate” Kuni Yohaannis 16:32 ilaalchisuun waan dubbate fakaata garuu 17:12 to caqafame.

18:10 “Simoon Phexros, billaa qaba ture iyyuu, luqqifatee naa’oo angafa lubootaa rukutee, gurra isaa mirgaa irraa kute; ” Phexros gurra kutuudhaaf osoo hinta’iin mataa rukutuudhaaf ilaallate ture! Kunimmoo Phexros Yesuus bakka bu’uudhaan du’aaf qophaa’uusaa agarsiisa. Gochi Phexros jecha Yesuus Luqaas 22:36-38 kessatti dubbate hubachuu dhabuu isaa irraa kan ka’e ta’uu danda’a. Luqaas 22:51 akka nutti himutti Yesuus gurra namticha tuquun fayyise ture.

▣ **“maqaan naa’oo sanaa immoo Maalkos ture. ”** Yohaannis qofaatu barreeffama isaa keessatti maqaa nama kanaa ibse. Kunis namni ijaan arge ragaa akka ta’e agarsiisa. Barreesan Yohaannis toora sana keessa ture.

18:11 “Xoofoo” – kun fakkeenya Kakuu Moofaakessatti murtee nama tokkoo haala badaadhaan ibsuuf tajaajiludha (Faarfannaa 11:6, 60:3, 75:8; Isa. 51:17, Erm. 25:15, 16, 27-28 walbira qabuun ilaalaa).

Seer-luugni gaaffii Yesuus deebii “eeyee” jedhu eeggata. Phextros ammas akka nama waan gochuun irra jiru beekkuu ta’aa ture (Maatewos 16:22, Yohaannis 13:8 ilaalaa).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 18:12-14

“Kutati warra loltuu, angafni kumaas, karaa warra Yihudootaa immoo eegdonni mana qulqullummaa Yesusin qabanii hidhan. Duras Haannaasitti isa geessan; Haannaas abbiyyuu Qayaafaa ti, Qayyaafaan immoo bara sanatti angafa lubootaa ture. Qayyaafaan kunis, namni tokko sabaaf du’uu akka wayyu Yihudoota isa gorse ture.”

18:12

NASB “Kutati warra loltuu, angafni kumaas, ”
NKJV “kutata waraanaa fi ajajaa”
NRSV “loltoota, ajajoota isaanii”
TEV “Waraana warra Roomaa fi ajajoota isaanii”
NJB “the cohort and its tribune”

Maqaan kutaa waraanaa warra Roomaa Kan argamu lakkoofsa loltoota tuuticha keessa jiranini.

1. Kutata warra loltuu jechuun – tuuta loltooa 600 gahan ofkeessa qabu agarsiisa (lak. 3 ilaalaa)

2. Angafni kumaa – lakkoofsa 1, 000 irraa dhufe (Chiliarch i. e. Hojii Ergamootaa 21:31, 22:24, 23:10, 24:7)

Maqootni kunniin waa’ee lakkoofsa loltootaa tuuticha Yesuusiin hidhani waa tokko illee nutti hin himu. Filisxeem keessaati lakk. 2ffaan (armaan olii) jechuun salphumatti gaggeessaa tuuta loltoota xiqoo of keessaa qabu jechuudha.

▣ **“Isa hidhan.**”Kuni namoonni sun Yesuusiin sodaachuu isaanii hin agarsiisu, haa ta’u malee adeemsa nama qabuu durumaan ture ni mul’isa (Lakk. 24 ilaalaa).

18:13 “Duras Haannaasitti isa geessan”waa’ee himannaa Haannaasi fi Qayyaafaa duratti ta’ee marii baayyeetu jira. Wangeelonni sadan duraanii wa’ee walga’ii Haannaas waliin ta’e homaa iyyuu hindubbatan. Lakk. 24 yaadannoo miil-jalee Yohaannis fakkaata garuu himannaa Yesuus ilaalchisee qaama wangeelota sadaniiti (Mat. 26:57, Marq. 14:53 ilaalaa).

Kakuu Moofaakeessatti angafni lubummaa jireenya guutuudhaaf kan keennamu yoo ta’u sanyii Aaroon ta’uu qaba ture. Haata’u malee warri Roomaa maatii Lewwootaatiin bitamuudhaan sirna kana gara sirna siyaasaatti jijjiiran. Angafichi lubootaa meeshaalee gurgurtaa mana murtii dubartootaa kessatti ni to’ata, ni geggeessas. Yesuus mana qulqullummaa qulqulleessuun isaa maatii kana aarseetu ture.

Akka Filaaviyes Josefus barreessetti, Haannaas dhaloota Kristosiin booda bara 6-14tti angafa lubootaa ture. Bulchaa Sooriyaa kan ture Kwiriniyesiin muudamee nama Valeeriyes Graatas jedhamuun taayitaa irraa bu’ee. Firoottan isaa (ilmaan isaa 5 fi ilma ilma isaa 1n) bakka bu’ee ture. Qayyaafaan (bara 18-36), abbaan manaa intala isaa (Yohaannis 18:13 ilaalaa), itti aansuudhaan aangoosaa dhaale. Kanaafuu Haannaas harka wayyaa jalaatiin taayitaa cimaa qaba ture. Yohaannis Yesuus gara isaatti geeffamuun nama jalqaba akka ta’e inbsa (18:13, 19-22 ilaalaa).

18:14 Kuni akka lakk. 15 fi 18, ilaalcha editoraa (editorial comment/ yaada ijoo dubbii)Yohaannis hinturre.

▣ **“Qayyaafaa”** Waa’ee Qayyaafaa ilaalchisee dhimi guddaan Yohaannis qabu ture osoo hinbeekiin waa’ee du’a Yesuus raajuu isaati (11:50 ilaalaa). Innis abbaa manaa intala Haannaas fi bara 18-36tti angafa lubootaa ture. Yaadannoo 11:49 jala jiru ilaalaa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 18:15-18

“Simoon Phexrosii fi bartuun kan biraa tokko Yesuus duukaa dhaqan; bartuun inni kaan angafa lubootaa biratti beekamaa waan turee, Yesuusii wajjin oobdii mana angafa lubootaa san lixe. Phexros immoo karaa alaa karra dura in dhaabata ture; kanaaf bartuun inni kaan, inni angafa lubootaa biratti beekame sun, gad ba’ee xombooree ishee karra eegduutti dubbatee, Phexrosin ol galche. Xomboreen karra eegdu sun Phexrosiin, “Atis bartoota namicha kanaa keessaa tokko mirii ree?”jette; inni immoo, “Ana miti”jedhe. In dhaamota waan tureef, hojjetoonni fi eegdonni ibidda cilaatti qabsiisanii, ijaajjanii in qaqqammatu turan; Phexrosin isaanii wajjin dhaabatee in qaqqammata ture.”

18:15 “Simoon Phexrosii fi bartuun kan biraa tokko Yesuus duukaa dhaqan” waa’ee bartuu isa kaanii kana marii baayyetu taasifame.

1. Akka beekumsa aadaatti 20:2, 3, 4 fi 8 kessatti waa’ee isaa wanti walfakkaatu waan barreeffameef bartuun kun Ergamaa Yohaannis jedhamee amanama. Itti dabalees wanti Yohaansiin walqabatu kan biraa 19:25 keessatti obboleettii Maariyaam kan turte, harmee Yohaannis maqaa dhaha; kana jechuun immoo inni sanyii warra lubootaa Leewwii ta’uu danda’a (Dhugaa bahuu Poolikaarp ilaalaa)
2. Nama maqaan isaa hin dhahamin akkuma Niqoodemos yookin Yoosef mandara Arimaatiyaa irraa dhufee angaficha lubootaatiin walitti dhufeenya waan qabaniif dhoksaatti Yesuusiin kan hordofu ta’uu danda’a (lakk. 15-16 ilaalaa).

▣ **“bartuun inni kaan angafa lubootaa biratti beekamaa waan turee,”**kuni hiriyyummaa idleetiif jecha cimaa waan ta’eef walitti dhufeenyi isaanii “baay’ee walitti dhihoo”ta’uu mala (Luqaas 2:44 fi 23:49 ilaalaa).

Yohaannis yoo ta'e, hojii qurxummii qabuu yeroo hunda gara Yerusaaletti qurxummii kan fidan maatii isaa kan hirmaachisu wajjinis walqabachuu danda'a.

18:17 “Xomboreen karra eegdu sun Phexrosiin, ‘Atis bartoota namicha kanaa keessaa tokko mirii ree?’ jette; “Sirni loqodaa kun akkuma lakk. 25, deebii “lakki”jedhu eeggata. Tuffii warri maqaa Yesuusitti hintajaajilamnee agarsiisa. Sababiin kana gaaafatteefis (1) Phexroos Yohaannis wajjin walitti dhufeenya waan qabuufi (2) Phexros luuga warra Galiilaa waan qabuufi.

☐ “**Ana miti**” Phexros Yesuusiif jecha du’aafillee qophaa’uu ni danda’a, garuu gaaffii mucaan xomboreen gaafateef dhugaadhaan deebii kennuuf hinqophoofne. Wangeelota sadan duraa keessatti ganuun Phexros kun sadanuu walitti aananiitu ka’amani garu Yohaannis keessatti gaafilee Haannaas Yesuusiin gaafateen addaan citani (lakk. 24 ilaalaa).

Jechi Phexros “Ana miti”jedhe faallaa jecha Yesuus “Innoo, ana”jedheeti (lakk. 5 ilaalaa)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 18:19-24

“**Angafichi lubootaa yommuu Yesusin waa’ee bartoota isaatii fi waa’ee barsiisa isaatii gaggaafate. Yesus immoo deebisee, ‘Ani mul’inatti biyya lafaatti dubbadheera; yeroo hundumaas mana sagadaa fi mana qulqulluummaa iddoo Yihudoonni hundinuu itti walga’anitti barsiiseera; dhoksaattis waan tokko illee hin dubbanne. Egaa maaliif na gaafatta ree? Waanan isaaniin jedhe, warra na dhaga’e gaafadhu; isaan waanan jedhe in beeku’ jedheen. Yeroo inni kana jedhetti, eegdota isa bukkee dhaabatan keessa tokko, ‘Akkasitti angafa lubootaatiif deebii deebiftaa?’ jedhee maddii isaa kabala. Yesus deebisee, ‘Yoon dabaa dubbadheera ta’e, dabaa sana mul’isii dhugaa ba’i! Dubbii qajeelaa yoon dubbadhe garuu maaliif na rukutta ree?’ jedheen. Haannaas ergasii Yesusin, akkuma inni hidhamee jirutti, gara Qayyaafaa angaficha lubootaatti in erge.”**

18:19 “**Angafichi lubootaa yommuu Yesuusiin waa’ee bartoota isaatii fi waa’ee barsiisa isaatii gaggaafate**”Kuni Haannaas agarsiisa malee Qayyaafaa miti. Haannaas humna taayitichaa guddaa harka jalaan ni qaba ture. Bara 6 hanga 15tti taayitaa irra ture. Itti aansuudhaan dhirsa intala fi ilmaan isaa shan akkasumas ilma ilma isaatiin taayiticha dhaallamee ture. Haannaas naannoo mana qulqulluutti mirga bittaaaf gurgurtaa kan qabu yoo ta’u, nama mana qulqulluu sana (si’a lama) haxaawe sanaaf gaaffii adda addaa gagaaafachuuf baay’ee fedhe ta’a. Haannaas waa’ee bartoota Yesuusifi waa’ee barsiisa isaa dhibamuun isaa waan nama dinqisiisudha.

18:20 Yesuus mul’inatti akka barsiisaa ture dhugaadha. Haa ta’u iyyuu malee barsiisni isaa baay’een akka mul’inaan dhokfaman dhugaadha (Maarqos 4:10-12 ilaalaa). Wanti guddaan waa’ee jaamummaa hafuuraa hadheesitootni isaa qabani dha.

Dubbii fi tooftaan Yesuus ittiin barsiisaa ture Wangeelota sadeen duraa fi wangeela Yohaannis keessatti haala adda addaatiin barreeffame. Wangeelonni sadeen dura “innoo anaa...”jecha jedhu of keessaa hin qaban. Yesuus fakkeenyaan barsiisa, Yohaannis garuu fakeenya tokko illee hin galmeessine. Ana akka natti fakkaatutti wangeelonni sadeen dura barsiisa Yesuus mul’ataatti barsiise kan galmeessan yoo ta’u Yohaannis immoo kan dhuunfatti barsiise galmeesse.

18:21 “**Egaa maaliif na gaafatta ree?**”Lakk. 20 keessatti Yesuus tajaajilli barsiisa isaa akka bifa mul’inaa qabu hubachiisa. Yesuus gaaffiin inni gaafachaa ture akka sirna Yihudootaa fi akka hubannoo uummataatti yakka akka ta’e Haannaas hubachiisaa ture.

18:22 “**eegdota isa bukkee dhaabatan keessaa tokko. . . jedhee maddii isaa kabala**” Jalqabatti jechi kun uleedhaan rukuttaa yookin harkaan kabaluu agarsiisa. ‘Harka bali’fatee kabaluu’ jechuudha. Kunis jecha Isaayaas 50:6 keessa jiru kara biraatiin agarsiisa. Yesuus balleessaa yoo qabaate himatamuu akka qabuu, ta’uu baannan garuu rukkutaan maaliif barbaachise? jechuun hubachiise.

18:23 “**yoon...yoon**” Kunniin himoota lama haala guddaa irraatti hundaa’an yoo ta’u dhugoomni isaaniis ilaalcha yoking kaayyoo barreessichaa irratti hundaa’a. Inni duraa tooftaa barreeffamaan haala sobaa jiru foo’uuti. Yesuus Haannaas ragaa qabu akka agarsiisu gaafachaa ture.

18:24 tartiibni himataa kun wangeelota sadeen duraa keessatti garagaalee jira.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 18:25-27

“Simoon Phexros dhaabatee utuu ibidda qaqqammachaa jiruu, warri kaan, ‘Atis bartoota isaa keessaa tokko mitti?’ jedhanii isa gaafatan; inni garuu, ‘Ana miti’ jedhee gane. Hojjetoota angafa lubootaa keessaas tokko, firri isa Phexros gurra isaa kute, ‘Isaa wajjin iddoo dhaabaa sana keessatti ani si hin arginee?’ jedhe. Phexros garuu ammas in gane; yommusumas indaanqoon in iyyite”

18:26 “Hojjetoota angafa lubootaa keessaas tokko, firri isa Phexros gurra isaa kute, ...jedhe”eenyummaa namoota Phexrosiin gaaffii gaafatan ilaalchisee wangeelota afran gidduu garaa garummaan hanga tokko ni jira.

1. Maarqos keessatti gaaffii duraa kan gaafatte xomboreettii turte (Maarqos 14:69 ilaala)
2. Maatewos keessatti gaaficha kan gaafatte xomboreetti kan birooti (Maatewos 26:71 ilaalaa)
3. Luqaas 22:58 keessatti namicha tokko
4. Yohaannis keessatti xomboree/hojjettuu angafa lubootaati.

Akkuma seenaadhaan beekamutti jalqaba duraa nama tokkootu gaaffii gaafatee; jarreen kaan immoo booddee itti dabalamani (lakk. 18 ilaalaa).

18:26 “Isa wajjin iddoo dhaabaa sana keessatti ani si hin argine?” akka gaafilee lameen durraanii lakk. 17 fi 25 kessatti argamanii osoo hinta’in seer-luugni gaaffii kanaa deebii “eeyee”jedhu eeggata.

18:27 “Phexros garuu ammas in gane”akkuma Maarqos 14:71 fi Maatewos 26:74 keessatti arginu Phexros waadaa fi kakuudhaan akka gane ni hubanna.

☐ “Yommusumas indaanqoon iyyite”akka tartiitbni gochoota wangeelota afran keessatti mul’isanitti, kuni kan raawwate halkan walakkaa booddee sa’aatii 6:00 hanga sa’aatii 9 tti ture. Yihudoonni indaanqoon daangaa mandara Yerusaaaleem akka seentu waan hineeeyyamneef indaanqoo iyye sun kan warra Roomaa ta’u qaba.

Luqaas 22:61 keessaatti Yesuus sadarkaa kanarratti Phexrosiin akka ilaale hubachiisa. Haannaasiifi Qayyaafaan mana tokko keessa akka jiraachaa turna fi eegdotni immoo Yesuus bakka Haannaas waliin ture gara Qayyaafaafi yaa’ii warra Yihudootaatti akka adeemsisan mala. Adeemsa kana gidduutti egaa Yesuus Phexrosin kan ilaale. Waa’ee tartiibota gochoota kanneenii ragaa seenaa ga’aa hinqabnu waanta’eeff kuni hundinuu tilmaama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 18:28-32

“Ergasii Yesusin mana Qayyaafaafi gara mana mootummaa warra Roomaa, lafa inni biyya bulchu jiraatutti geessan; yeroon isaas ganama barii true. Warri Yihudootaa ofii isaaniitii hoolaa Faasiikaa nyaachuudhaaf of in eeggatu waan turaniif, akka hin xuroofneef mana mootummaa warra Roomaa sana hinlinne. Kanaaf Philaaxos gara isaanitti gad ba’ee, ‘Wanti isin namicha kana ittiin hadheessitan

18:28

NASB,NKJV,

JB “to the Praetorium”

NRSV “to Pilate’s headquarters”

TEV “to the governor’s place”

“lafa inni biyya bulchu jiraatu” jechi kun lafa biyya bulchaan Warra Roomaa Yerusaaaleem keessa jiraatu agarsiisa. Kunimmoo mana qulqulluu bukkee yookin mana mooticha Herodos guddichaa bukkee bakka Kaabaa Antooniyoo (the Fortress of Antonio) ta’uu danda’a.

MATADUREE ADDAA: EEGDOTA MANA MOOTUMMAA (Praetorian Guard)

Jalqabarraatti jechi, ‘praetorian’, jedhu kun duskaana jeneraala Warra Roomaa agarsiisuuf gargaara ture;

haa ta'u malee erga moo'atummaa warra roomaatiin booddee jecha miiraa bulchiinsaa kan of keessaa qabu ta'ee waajira ol'aanaa yookin bakka jireenya bulchiinsa siyaasaa/ bulchaa loltoota ibsuudhaaf gargaaru jalqabe (Maatewos 27:27; Yohannis 18:28, 33; 19:9; Hojii Ergamootaa 23:35 ilaalaa).

Haata'u iyyuu malee, bara jabana duraa sanatti addunyaa warra Roomaa keessatti bakka loltoonni eegduu ta'an tuutaan jiraatan ibsuudhaaf tajaajila ture. Kanneen loltoota sadarkaa olaanaa qaban kan Awugusxosiin ijaaramuu jalqabaniin Xiberiyosiin walitti sassaabamaniidha. Isaanis:

1. sadarkaa walqixxee irra kan turan ajajoota dhibbaati
2. mindaa harka lama argatu turan
3. carraa addaa qabu turan
4. umni isaanii waan cimaa ta'eef fedhiin isaanii Mooticha birratti ni kabajama

Hanga bara Mooticha Qonisxanxiinositti diigamanitti jarreen olaanoon siyaasaanis baay'ee umna qaban kun jiraachaa turan.

▣ **“Yeroon isaas ganama barii ture”** Akkuma galmee warra Roomaa irraa hubannutti bulchiinsi warra Roomaa biyya Filisxeem keessa ture ganama barii mariidhaa walgahu ture. Ifa ifatti walga'iiin warra Yihudootaas himannaa halkaanii isa seeraan alaa seera qabeessa fakkeessudhaaf akkasuma ganama wal ga'anii turan. Daddafuma sana Yesuus gara Philaaxositti geessan.

▣ **“Warri Yihudootaa ofii isaaniitii hoolaa fi Faasiikaa nyaachuudhaaf of in eeggatu waan turaniif, akka hin xuroofneef mana mootummaa warra Roomaa sana hin linne”** gara mana saba Waaqayyoo hinta'in yoo seenan hoolaa Faasiikaa akka hin nyaanne ni xuraa'u ture. Waa'ee sirna qulqullummaa xureessuu jibannii nama tokko gama seeraan ala ta'een ajeesuuf adeemuu isaanii xiqqoo illee jibbuu dhiisuun isaanii bitaa namatti ta'a.

Lakkoofsi kun garaa garummaa wangeelota sadeen, kanneen Yesuus akka Faasiikaa bartoota isaa wajjin nyaate hubachiisu (Maatewos 26:17; Maarqos 14:12; Luqaas 22:1), wangeela Yohaannis, isa nyaanni Faasiikaa sun kan raawwate guyya tokko dura (Kamisaa), ayyaana faasiikaatiif guyyaa qophaa'inaa ta'uu saa kan ibsu gidduu jiru gama seenaatiin dhabiinsaa walii galtee hedduudhaaf burqaa ta'ee jira. Namni Reeyimond Braawun, beekaa wangeela Yohaannis amantaa Kaatolikaa bekkamaa kan ta'e, ibsa macaafa qulqulluu Jeroom jedhamu keessatti akkas jedhe: “osoo akkuma jedhame gama seenaatiin wantootni wangeelota sadeen keessa jiran wangeela Yohaannis keessa kan jiraniin adda ta'ee jiraatee, dubbifni itti aanu- kan ragichi wangeelota sadeenii haalan beeku – rakkina hiika hinqabne uuma ture. Kara biraatiin immoo, ragaaan ijaan mirkaneesse kan Yohaannis ittiin uumame sun kanneen wangeelota kaaniirraa dhugichaatti siqee akka ture yoo amanne, dubbisichi hubachuudhaaf ni salphata”(fuula 458).

Guyyaan Faasiikaa itti kabajanis guyyaa adda addaa ta'us ni danda'a:gaafa guyyaa Kamisaa yookin Jimaata. Rakkina dabalataas uumuu kan danda'u immoo, jechi “faasiikaa”jedhu kun ayyaana guyyaa tokkoo fi kabaja ayyaana guyyaa saddeetii dabalachuun ta'uuu nidanda'a (Faasiikaan ayyaana maxinoo wajjiin walqabtee jechuudha, Seera Ba'uu 12 ilaalaa).

▣ **“hoolaa Faasiikaa nyaachudhaaf”** Irbaata isa dhumaa ilaalchisee guyyaa kam akka ta'e guutumaan guututti himuun ammas rakkisaadha. Wangeelonni sadeen guyyichi gaafa faasiikaa nyaatanii akka ta'e yoo dubbatan, Yohaannis garuu nyaata faasiikaa guyya tokkoon dursuu isaa dubbata (Yohaannis 19:14 fi lakkoofsa kana ilaalaa).

Deebiin isaas akkaataa kanaan gadiitiin argamuu danda'a:

1. “Faasiikaan”torban, nyaata yookin Sanbata adda mul'isuu waan danda'uuf
2. Yihuudoonni of foo'an (i. e. Essenes) kalandara waggoota ayyaanota adda addaa kakuuwwan gidduu jiru hordofuu dhiisanii kan baatii wajjin walqabatu waan hordofaniif
3. Yohaannis “Hiikaa lama”gaafa guyyaa ayyaana Faasiikaa kan qalame Yesuus akka hoolaa faasiikaatti (1:29) dhi'eessuu isaa.

18:29 Waaqayyo akkuma Seera Ba'uu keessatti eenyummaa Fari'oonitti tajaajilametti eenyummaa Philaaxosittis gargaaramee ture. Bara 26 tti Mooticha Xiberiyosiin akka Yuudaa bulchu muudame. Innis bakka Valeriyas Graatas (nama Haannaas taayitaa irraa buuse) muudame. Phonxos Philaaxos hojii gaggeessaa warra Roomaa 5ffaa ture. Mootummaa Arkalos (Ilma Herodos Guddichaa) bulchaa ture:kunis Samaariyaa, Yuudaa, Gaazaa fi

Garba Du'aa (Dead Sea) of keessatti qabata. Waa'ee Philaaxos ilaalchisuun odeeffanoo baay'een barreeffama Flaaviyas Joosefas irraa ti.

MATA DUREE ADDAA: PHONXOS PHILAAXOS

- I. Namticha
 - A. Yoomifi eessatti akka dhalate hin beekamu
 - B. Sanyii warra loltuu (haawaasa giddu galeessa warra Roomaa)
 - C. Haadha manaa qaba ture garuu waa'een ijoollee isaa hin beekamu
 - D. Muuxannooleen bulchiisaa duraan qabu (baay'ee ta'uu malurree) hinbeekamu
- II. Eenyummaa isaa
 - A. Ilaalcha adda addaa lama
 1. Fiilo (Legatio and Gaium, 299-305) fi Joosefus (Antiq 18.3.1 fi Jewish Wars 2.9.2-4) keessatti nama hamaa fi bulchaa garaa hinlaafne jechuun waa'ee isaa barreessan
 2. Kakuu Haaraa (Wangeelotaa, Hojii Ergamootaa) nama dadhabaa fi bulchaa warra Roomaa kan salphumatti gowwoomfamu jechuun ibsu.
 - B. Paul Barnett, Jesus and Rise of Christianity, fuula 143-148, waa'ee dhugummaa ilaalcha lameenii ibsa amansiisaa dhiheessa.
 1. Philaaxos bulchaa gorsa olaanaa gorsaa isaa fi farra Yihudootaa kan ture Sijaanusiin bara 26ttii Mooticha Xiberiyosiin muudame; Xiberiyos deeggaraa Yihudootaa ture (Philo, Legatio and Gaium, fuula 160-161 ilaalaa)
 2. Xiberiyos Abbaa Alangaa Warra Roomaa kan ture, nama teessoo mootumichaa duubaa umna guddaa qabuufi jibba Yihudootaa qabu L. Aeliyas Sijaanusiin umna siyaasaa isaa dhabee ((Philo, Legatio and Gaium, fuula 159-160 ilaalaa).
 3. Philaaxos gargaarsa Sijaanusiin bulaafi waan adda addaa gochuudhaan isa gammachiisuuf yaalaa ture, isaan keessaas:
 - a. bulchootni isa dursanin kan hingodhamiin akkaataa jireenya warraa Roomaa gara mandara Yerusaaleemitti fiduudhaan (bara 26). Mallatooleen waaqayyoolii warra Roomaa Warra Yihudootaa baay'ee aarse (Josephus' Antiq. 18.3.1; Jewish Wars 2.9.2-3 ilaalaa).
 - b. Saantima bifa waaqeffannaa warra Roomaa of irraa qabu maxxansiisuudhaan. Akka Joosefus jedhutti heeraafi Sirna Yihudootaa beekaa gargalchuudhaaf godhe (Joosefus, Antiq. 18.4.1-2 ilaalaa).
 - c. Qarshii mana Qulqulluudhaa fudhuudhaan Yerusaalem keessatti jal'isa bishaanii hojjechuudhaan (Joseefus Antiq. 18.3.2; Jewish wars 2.9.3. ilaalaa).
 - d. Gaafaa guyyaa wareega Faasiikaa Yerusaalem keessatti gudhamuu namoota Galiilaa hedduu ajjeesuudhaan (Luqaas 13:12 ilaalaa)
 - e. Bara 31tti gaachanoota warra roomaa gara Yerusaalemittii fiduudhaan. Ilmi Mooticha Guddaa Herodos gaachanoota sana akka bakkatti deebisu gaafatullee dhagahuu didnaan gara Xiberiyositti xalayaa barreessan; innis galaana bukkeetti kan argamtu gara Qeesaariyaatti akka deebisu ajaje (Philo. Legatio and Gaium, 299-305).
 - f. Namootni Samaariyaa hedduun qodaalee amantiisaani kan badan osoo gaara Garziim irraa barbaadaa jiranii akka qalaman gochuudhaan. Sababa kanaan abbaan alangaa naannichaa (Viteeliyos biyya Sooriyaa) akka taayitaa irraa buusee gara Roomaatti isa ergu ta'e (Joseefas, Antiq. 18.4.1-2 ilaalaa).
 4. Sijaanas bara 31ttii ajjeefamee Xiberiyos gara taayitaatti guutumaa guututti deebi'e, kanaafuu lakk. A, b, c, fi d gochoota Philaaxos Sijaanas gamachiisuudhaaf godhe yoo ta'u; lakk. E fi f immoo Xiberiyos biratti amanamummaa argachudhaaf gochuu waan yaale fakkaata, garuu hinmilkoofneef.
 5. Mootiin warra Yihudootaa deeggaru taayitaatti deebi'uun isaa, Xiberiyos irraa xalayaan akka warra Yihudootaatiif gaarii ta'u ajaju bulchaa sanatti ergamuun isaa (Philo, Lagation and Gaium, 160-161 ilaalaa), Yihudootni Yerusaalem jiran carraa rakkina siyaasaa Philaaxos fi Xiberiyos gidduu turetti gargaarramuun Philaaxos irraatti dhiibbaa uumuun akka Yesus fannifamu gochuun isaanii ifaadha. Yaadni (theory) Baarnet kun yaada lameen waa'ee Philaaxos jira gara dhugaatti walitti fida.
- III. Carraa Dhuma isaa
 - A. Erga Xiberiyos du'ee (bara 37) osoo baay'ee hinturin gara Roomatti akka deebi'u waamame
 - B. Irra deebi'ee taayitaadhaaf hinmuudamne
 - C. Kanaan booddee waa'een jireenya isaa hinbeekamu. Gara boodaa yaada adda addaa hedduutu ka'e garuu kamiyyuu qabatamaa hintaane.

18:30 “Utuu inni kun nama hamaa hojjete ta’uu dhaabaate, nuyi sitti dabarsinee isa hin laannu turre”Kuni hima haalaa irraatti hundaa’e lammaffaadha; “faallaa dhugaa”jechuudhaan beekama. Yesuus nama hamaa hojjete miti. Kuni himannaa Yihudootaa amantii walxaxaa keessa hinseenu jedhe kan dide dubbii akkeessa Philaaxos ture.

Jechi “laannu”jedhu jecha “ganuu”waa’ee Yihudaa ibsu wajjiin hiikaa walfakkaatu qaba (6:68, 71; 12:4; 13:2, 11, 21; 18:2, 5 ilaalaa). Jechi kun “nama tokko abbaa taayitaatti dabarsanii kennuu”yookin “adaa nama biraatti dabarsuu”jedhuudha. Hiikaalee afaan Ingilizii keessatti hiikaan isaa baay’ee kan cime Yihudaa wajjiin walqabateeti.

18:31 “Nuyi nama tokko illee ajjeesuuf seerri nuuf hin kennu”Gaggeessitootni Yihudootaa Yesuus waawa arrabse jechuun du’a itti faradani, garuu yakka mootummaarratti finiciluutiin himatamee akka warra Roomaatiin ajjeefamu fedhani. Saba Seera Keessa Deebii 21:23 keessatti barreefameef du’uun Yesuus warra Yihudootaatiif baay’ee barbaachisaa ture (kana jechuun, Rabbis jabana Iffaa biratti fannifamuu jechuun Waaqayyoon Abaarramuu jechuu ture).

18:32 “Yesuus du’a attamiitiin du’uuf akka jiru tuquudhaaf”Gaggeessitootni Yihudootaa Yesuus akka fannifamu maaliif barbaadani? Akkuma Hojii Ergamtootaa 7 keessatti mul’atutti namni Waaqayyoon arrabse jedhamee yakkame dhagaadhaan battalumatti akka reebame ajjeefamu ifadha. Sababiin isaas abaarree Waaqummaa Seera Keessa Deebii 21:22-23 kessa jiru wajjiin walqabata. Kana jechuun jalqaba irratti bakkeetti nama tokko hanga du’utti waraanuu jechuu yoo ta’u Rabbis jabana sana jiraatan fannisuu warra Roomaa wajjin walfakkeessuun hiika haarawaa itti laatan. Yesuus, nama Masiha offakkeessu kana, Waaqayyoon akka abaarramu Fedhan. Kuni karoora Waaqayyo sanyii namaa badeef deebisee bituuf qopheesseedha (1:29), ofii isaa bakka bu’aa godhee ofdhiheesse (Isaayyaas 53; 2 Qorontos 5:1), Yesuus nuuf jecha “abaarramaa”ta’e (Galaatiaya 3:13 ilaalaa).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 18:33-38

“Philaaxos yommus gara mana mootummaa sanattii ol deebi’e, Yesusin waamsisee, ‘Ati mootica Yihudootaati?’ jedhee isa gaafate. Yesuus deebisee, ‘Kana yaaduma keetiin dubbatta moo yookiis warra kaantu waa’ee koo sitti hime?’ jedhe. Philaaxos immoo, ‘Anatu Yihudii dha moo ree? Saba keetu, luboota warra angafootatus anatti dabarsee is kenne, ati maal goote?’ jedhe. Yesuus garuu deebisee, ‘Mootummaan inni kan kootii mootummaa biyya lafaa kanaa miti; utuu mootummaan biyya lafa kanaa ta’ee, akka ani warra Yihudootaatti hin kennamneef, namoonni koo anaaf in lolu truan; garuu mootummaan inni kan kootii mootummaa biyya lafa kanaa miti’ jedhe. Philaaxos, ‘Yoos immoo ati mootii dha kaa?’ jedheen; Yesuus deebisee, ‘Akka ani mootii ta’e ati iyyuu in jetta, dhugaadhaaf dhugaa ba’uufan dhaladhe, kanumaafanis gara biyya lafaa dhufe; inni kan dhugaa ta’e hundinu, sagalee koo in dhaga’a’ jedhe. Kna irratti Philaaxos, ‘Dhugaan maal inni?’ jedheen”

18:33 “mana mootummaa sana” Mata duree addaa 18:28 jala jiru ilaalaa.

▣ “Ati mootica Yihudootaati?”Yesuus yakka mootummaa ganuutiin himatame (Maatewos 27:1; Maarqos 15:2; Luqaas 23:2 fi Yohaannis 19:3, 12, 15, 19-22 ilaalaa).

18:34 “Yesuus deebisee, ‘Kana yaaduma keetiin dubbatta moo yookiis warra kaantu waa’ee koo sitti hime?’ jedhe”Philaaxos gaaficha kan gaafate mootummaa siyaasaa ilaalchisee utuu ta’e, Yesuus hinamanu ture. Utuu yaada Yihudootaa ta’eera ture, Masiikummaan Yesuus mul’isa waan ta’eef, Yesuus nimirkaneeessa ture. Philaaxos waa’ee aadaa amantii warra Yihudootaa gadi fageessee qorachuudhaaf hinqophoofne ture (lakk. 35 ilaalaa).

18:35 Gaafiin dura deebii “lakki”jedhu eeggata. Philaaxos tuffii amantaa warra Yihudootaatiif qabu agarsiise.

18:36 “utuu mootummaan biyya lafa kanaa ta’ee, akka ani warra Yihudootaatti hin kennamneef, namoonni koo anaaf in lolu truant”Kuni “faallaa dhugaa”jedhamee kan beekamu hima haalaa irratti hundaa’e sadarkaa lammaffaadha. “Mootummaan inni kan kootii utuu kan biyyaa lafaa ture, garuu miti; namootni koo

anaaf in lolu, garuu hinlolle”jedhamee hiikamuutu irra ture. Gaaleen “namoonni koo”(1) bartoota isaa (2) ergamoota agarsiisuuf ta’uu nidanda’a (Maatewos 26:53 ilaalaa).

18:37 “Philaaxos, ‘Yoos immoo ati mootii dha kaa?’ jedheen”kuni Yesuusifi Mootummaa hafuura isaa injifannoon dhufuun ija taayitaa biyya lafaa (jechuun kan Roomaa) inni beeku biratti qoosaa guddaa dha. Gaafichi deebii “eeyee”jedhu eeggata.

▣ **“Akka ani mootii ta’e ati iyyuu in jetta, dhugaadhaaf dhugaa ba’uufan dhaladhe, kanumaafanis gara biyya lafaa dhufe”**Gaalee inni duraa isa duraa waan walxaxaa ta’eefuu hiikuun rakkisaadha. Ulaagaleedhaan dhugoomuudha (Maatewos 27:11; Maarqos 25:2; Luqaas 23:3 ilaalaa). Yesuus eenyu akka ta’e (two perfect tense verbs) maaliif akka dhufe nibeeka (Yohanis 13:1, 3; Maarqos 10:35; Luqaas 2:49; Maatewos 16:22 kaasee ilaalaa). Philaaxos kana hubachuu hindandeenye.

▣ **“dhugaadhaaf dhugaa ba’uufan dhaladhe”**Yesu"us waa’ee hojii isaa, abbaa mul’isuu, dubbate (jechuun “dhugaa ba’uudhaaf”). Jalqabuma irraa iyyuu Yesuus sababa sadihiif dhufe:

1. Kaayyoo fi eenyummaa Waaqayyoo guutumaan guutuutti mul’isuudhaaf (1:18; 3:32 ilaalaa)
2. Cubbuu addunyaa kanaa balleessuudhaaf akka hoolaa Waaqayyoo isa yakka hinqabneetti du’uudhaaf (1:29 ilaalaa)
3. Akkaataa ittiin jiraataniifi Waaqayyoon gammachiisuu danda’an amantootaaf fakkeenya ta’ee agarsiisuudhaaf.

▣ **“inni kan dhugaa ta’e hundinu, sagalee koo in dhaga’a”** yeroo hunda jechoota ‘hundinuu’, ‘eenyumaa yoo ta’e’, ‘hangam yoo baay’ate iyyuu’, baay’ee garaan na raafama. Dinqiidha! Waaqayyoo (YHWH) isa Seera Uumamaa 3:15 irratti waadaa gale karaa Kristosiin raawwachaa jira. Yesuus bifa Waaqayyoo kufaati namaatiin bade sana bakkatti deebise. Walitti dhiheenye, fi tokkummaan dhuunfaa amma akkuma durii danda’ameera! Tokummaan amma deebi’eera (realized eschatology)

Dhugicha hubachuu kan danda’an namoota ija fi gurra hafuura qaban (jechuun, 10:3, 16, 27; 18:37) qofaadha (Maatewos 11:15; 13:9, 16, 43; Maarqos 4:9, 23; Luqaas 8:8; 10:23, 24; 14:35; Mul’ata 2:7, 17, 29; 3:6, 13, 22 ilaalaa). Yesuus dhugaadha (14:6)! Yommuu inni dubbatu hordoftootni isaa ni dhaga’u (10:1-5). Yohaannis keessatti “arguu”fi “dhagahuun”“jireenya bara baraa”fudhachuu wajjin walqixa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 18:38b-40

“Kana dubbatee ammas gara warra Yihudootaatti gad ba’ee, ‘Ani dabaa tokko illee isa irratti hin argu. Garuu Faasiikaatti nama hidhame tokko akkan isiniif gad dhiis, amala godhattaniittu; mooticha Yihudootaa kana akkan isiniif gad dhiisu in feetuu?’ isaaniin jedhe. Isaan itti iyyanii, ‘isa kana miti, Barabbaa malee!’ jedhan; Barabbaan kun immoo saamtuu ture”

18:38 “Kna irratti Philaaxos, ‘Dhugaan maal inni?’ jedheen”Philaaxos gaaffii kana gaafatee utuu deebii hinfudhatiin akka deeme ifaadha. Philaaxos Yesuus mootummaa warra Roomaatiif sodaachisaa akka hintaane mirkaneeffachuu qofa barbaadee ture. Kanas gochuu danda’eera. Akkuma aadaa warra Yihudootaatiin tibba Faasiikaa godhamu Yesuus akka gadi lakkifamu yaalii godhee ture (Lakk. 39; Maatewos 27:15 ilaalaa). Yohaannis akkuma Luqaas Kristaanummaan Mootummaa warra Roomaatiif balaa sodaachisaa akka hintaane hubachiisuudhaaf barreesse (18:38 gara dhuma; 19:4; Luqaas 23:4, 14, 22).

18:39 “amala godhattaniittu”Kun Maatewos 27:15 fi Luqaas 23:17 irratti irra caala ibsameera (garuu kakuu haaraan ala barreeffama seenatiin hinbeekamu)

18:40 “Isaan itti iyyanii, ‘isa kana miti, Barabbaa malee!’ jedhan”Barabbaan miseensa paartii hinaaftotaa ta’ee yakka ittiin Yesuusitti du’a faradan kanaan himatamuun isaa dinqisiisaadha (Maarqos 15:7; Luqaas 23:19, 25 ilaalaa). Uummatni sun hundi ifaan ifatti nama jagna saba isaa ta’e deeggaruuf achi dhufan. Bulchitootni Yihudootaa carraa akkasiitti gargaaramaniitu Yesuusitti du’a farachiisan (Mar. 15:11 ilaalaa).

Maqaan “Barabbaa”jedhu kun hiika “ilma abbaa”jedhu qabaachuun isaas dinqiidha. Yohaannis walfakkeenya jechootaa akkasii barreeffama isaa guutuu keessatti itti gargaarrameera. Uummatichi “Ilma Abbichaa”utuu hinta’in “ilmi abbaa”akka gadi dhiifamu barbaadani. Dukkanni dhugumaa guutummaan dhufe!

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulludhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yesuus bakka Yihudaan akka isa argatu beekuu maaliif deeme?
2. Yohaannis dhiphina Yesuus Getesemaanee keessatti dabrse maaliif hambise?
3. Yaa’iin warra Yihudootaa Yesuusni maaliif gara Philaaxositti geessan?
4. Tartiibni wantootaa Yohaannisifi wangeelota sadeen duraa keessa jiran maaliif waldhahaa ta’an?
5. Yohaannis Philaaxos akka waan Yesuus gad dhiisuudhaaf yaalee godhe maaliif mul’isa?

YOHAANNIS 19

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yesuus akka du'u itti faradame (18:38b-19:16a)	Loltoonni Yesuusitti ga'isani 19:1-4 Murtoo Philaaxoos 19:5-16	(18:38B-19:7)	Yesuusitti du'i fardame (18:38b-19:16) 19:4-5 19:6a 19:6b 19:7	Yesuus Philaaxoos duratti (18:28-19:11) 18:33-18:3 19:4-7
19:8-12		19:8-12	19:8-9a 19:9b-10 19:11 19:12	19:8-11 Yesuusitti du'atu murteeffame 19:12-16a
19:13-16a		19:13-16a	19:13-14 19:15a 19:15b 19:15c 19:16a	
Fannifamuu Yesuus 19:16b-22	Mootii fannoo irratti 19:17-24	19:16b-21	Yesuus hin fannifame 19:16b-21 19:22 19:23-24	Fannifamuu 19:16b-22 Uffanni Yesuus ni hirame 19:23-24
19:23-27	Kunoo harmeekee! 19:25-27	19:25b-27	19:25-26 19:27	Yesuusiif harmee isaa 19:25-27
Du'a Yesuus 19:28-30	In raawwatame! 19:28-30	19:28-30	Du'a Yesuus 19:28 19:29-30a 19:30b	Du'a Yesuus 19:28 19:29-30
Waraanamuu Cinaacha Yesuus 19:31-37	Cinaachi Yesuus ni waraaname 19:31-37	19:31-37	Cinaanichi Yesuus ni waraaname 19:31-37	Cinaacha waraname 19:31-37
Awwalamuu Yesuus 19:38-42	Yesuus awwala Yooseef keessatti awwalame 19:38-42	19:38-42	Awwalamuu Yesuus 19:38-42	Awwaalch 19:38-42

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO’ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:1-7

¹Yemmus Philaaxoos Yesuusiin achi fuudhee reebisaa. ²Warri loltuu gonfoo qorattii hojjetanii, mataa isaa irra kaa’an, uffata dhiilgees itti uffisan. ³Gara isaatti deddeebi’aniis, “Attam ree, yaa mootii Yihuudotaa!” jedhanii isa hin kabalu turan. ⁴Philaaxoos ammas gadi ba’ee, “Dabaa tokko illee akka isa irratti hin argine akka beettaniif, kunoo gara keessanittan gadi isa baasa” isaaniin jedhe. ⁵Yesuus ammoo gonfoo qoraattii kaa’atee, uffata dhiilgee uffatees gadi ba’e, yemmus Philaaxoos, “Namichi kunooti ilaalaa!” isaaniin jedhe. ⁶Luboonni warri hangafoonnii fi eegdonni yemmuu isa argan, “Fannisi, fannisi!” jedhanii iyyani. Philaaxoos ammoo, “Isin ofii keessanii fuudhaatii isa fannisaa, ani daba tokkollee isa irratti hin agarre!” isaaniin jedhe. ⁷Warri Yihuudotaa deebisanii, “Nuyi seera tokko qabna, inni immoo ilma Waaqayyoo of-godheera, kanaaf akka seera keenya sanaatti du’uutu isa irra jira” jedhan.

19:1 “Yemmus Philaaxoos Yesuusiin achii fuudhee reebise” Lakkoobsi hamma inni rukutamee/reebamee fi yeroo hammam hammamiin akka ta’e sirriitti hin beekamu. Namoonni du’i itti murteeffane martinuu ni reebamu turani. Hojii/gocha gara jabinaan guutame lubbuu namoota baay’ee dabarse ture. Ituma ta’uus, akka caaffata kanaatti garuu, Philaaxoos kan inni Yesuusiin reebise namoonni gaddaniifii (garaa-laafaniifii) akka isa gadhiisuuf ture. (Ki. Luq. 23:16,22; Yoh. 19:12). Tarii kun raajiin Isaa. 53:5 irratti barreeffame akka raawwatamuuf ta’e ta’a.

Reebichi warra Roomaa baay’ee hamaa ture, warra lammii Roomaa hin ta’iiniif ammoo adabbii gara-jabeenyaan guutetu isaan eeggata. **Doolee** (Alangaa) teephaa (Xeebaa) mataa isaarraa sibiilota xixiqqoo ykn lafeewwan xixiqqoo ofirraa qabuun gadi-cabsanii harka namaa utubaa/jirma lafarra jirutti hidhanii nama reebu turan. Lakkoobsi/baay’inni rukutta hin caqafamne. Fannisuun dura wanta beekamaa godhamu ture. (Ki. Liiviyi XXXIII:36)

Wangeelli reebicha warra Roomaa ibsuuf jechoota garaa garaatti gargaarama.

1. Maat. 27:26; Maarq. 15:15. “Firaajeelloo” (*Phragelloō*) reebuu ykn dhaanuu.
2. Luq. 23:16,22- “Paa’idiyo” (*paidenō*) jalqabisaa ijoollee namusa barsiisuuf (Ki. Ibr. 12:6-7; 10), garuu asitti, akka 2 Qor. 6:9 tti, reebicha.
3. Yoh. 19:1- “Mastiyuu” (*Mastiyooō*), jalqabi isaa maqaa doolee ture, Maat. 10:17; 20:19; 23:24; Hoj Erg. 22:24-25; Ibr. 11:36

Hundi isaanii hiika tokko qabu ta’a ykn ammoo hundi isaanii reebicha lama (2) agarsiisu ta’a.

- a. Reebicha Laayyoo/Salphaa Philaaxoos
- b. Reebicha fannifamuu dura ture.

19:2 “Warri loltuu gonfoo qoraattii hojjetanii mataa isaa irra kaa’an” kun gosa daraaraa ykn gidiraa kan qoraattiin adda Yesuus irratti waqarame ture. Ituma ta’uus, kan inni agarsiisuu danda’u gonfoo bareedaa baala Ejersaa (Palm) irraa hojjetame, Yesuusitti akka mootii Yihuudotaatti ga’isuuf karaa biraa godhamedha. (Ki. Maat. 27:27-31; Maarq. 15:15-20)

Jechi Giriikii “Gonfoo” (Isxefaanos/’Slephanos’) kan inni ibsu nama dorgommii fiigichaa injifata tokkoof faaya abaaboo mora isa irratti kaa’amuuf ykn maraa abaaboo mootii-moototaan kaa’atamu dha.

▣ **“Uffata dhiilgees itti uffisan”** Dhiilgeen (“Poorfiiroo”/’porphyros’) mallattoo ol-aantummaati, halluchi baay’ee mi’aa/qaalii ture, mannee-celelluu irraa hojjetamaa waan tureef.

Diimaa biluu uffata aangawoonni Roomaa uffatan ture (Maarq. 15:17,20). Halluu diimaa bildiimaan (diimaa biluu) qola/gogaa ilbiisota muka qilxuu keessatti argamanii irraa hojjetam/qopheeffama ture. Uffanni kun uffata dhiilgee uffata mootummaa olaanaa agarsiisa ture, garuu tarii kaabbaa diimaan aangawoota Roomaas ta’uu ni mala (Ki.Maat. 27:28).

19:3

NASB	“Gara isaatti deddeebi’aniis, ittiin hin jedhu turan”
NKJV	“Achiis, isaan jedhanii”
NRSV	“Ittiin jechaa, gara isaatti deddeebi’aa turan”
TEV	“Gara isaa dhufanii ittiin jedhaniis”
NJB	“Gara isaatti deddeebi’aas ittiin jechaas turan”

Kanneen kun hennaa “Imperfekti” dha. Mullinatti loltoonni kana walitti fufiinsaan/tartiibaan hojjetani. Ga’oon sun Yesuus qofaaaf ituu hin ta’iin Yihuudota maraaf salphina ture. Tarii Philaaxoos kana Yesuusiif akka isaan garaa-laafaniif jedhee godhe ta’a garuu hin milkooftne.

Ammas ammoo barreeffamoota Yohaannis keessatti raajiiwwan (Wantoonni ta’uu jedhan) afaan warra mormitootaan himama. Loltoonni kun hamma hubatanii ol ykn hubannaa isaanii ol haasa’ani!

▣ **“Isa hin kabalu turan”** jechi kun jalqaba “uleedhaan reebuuf” jedhame, garuu salphifamee akka waan “harka diriirsanii kabaluutti” gargaaramamuu qaba. Kun rukuttaa fuulaa hamaa caalaa sochii qaamaa ga’oon guute, nagaa warra hortee moototaa fakkaata.

19:4

NASB	“Dabaa/yakka tokko illee isa irratti hin argine”
NKJV	“Dogoggora tokko illee isa irratti hin argine”
NRSV	“Hojii isa irratti farachiisu tokko illee hin argine”
TEV	“Isatti faraduuf ragaa tokko illee argachuu hin dandeenye”
NJB	“Hojii isa irratti farachiisu tokko illee hin argine”

Kaayyoo Yohaannis keessaa tokko Kiristiyaanummaan Mootummaa warra Roomaaf ykn aangawoota isaanii irratti dhiibbaa tokkoyyuu akka hin qabne agarsiisuuf ture. Yohaannis, Philaaxoos Yesuusiin gadhiisuuf yaalii baay’ee akka godhe galmeesseera. (Ki. 18:38; 19:6; Luq. 23:4, 14, 22)

19:5

NASB, NKJV	“Namichi kunooti!”
TEV, NET	“Namichi kunooti ilaalaa”
NRSV, NJB,	
REB	“kun namicha”

Gaalee kana karaa baay’ee hubachuu dandeenya.

1. Yesuus akka mootii itti ga’ifamuutti uffatee jira.
2. Yesuus gara-laafina ha argatuuf jecha (Yihuudota irraa) reebamee jira.
3. Agarsiisa Lak. 6:12 (“Lotii” Masicha agarsiisa)

4. Dhuma irratti mirkaneeffamuu hamummaa Yesuus (Innis, Lakkoofuu ‘Ginoostiizimii’ guyyaa Yohaannis ture)
5. Jechoota warra “Aram” (Aramaic) “Mucaa namaa”, ‘ber nasha’ jedhutti hidhata. (Agarsiisaa Masii Mullifame kan biroo)

19:6 “Fannisi! Fannisi!” jedhanii iyyan!” sababiin angafooni Yihuudotaa fannifamuu Yesuus barbaadaniif abaarsi Keessa Deebii 21:23 irra jiru haa raawwatamuufi. Phaawuloos waa’ee Yesuus nama Naazreet Masii Waaqayyoo ta’uu isaa akka inni gar-malee shakku sababa godhe keessaa tokko dha. Haata’u iyyuu malee, Gal. 3:13 irraa abaarsa keenya Yesuus fannoo irratti akka nuuf fudhate baranna (Ki. Qal. 2:14).

☐ **“Dabaa tokko illee isa irratti hin argine”** Philaaxoos kana si’a sadii (3) jedhe. (Ki. 18:38;19:4)

19:7 “Ilma Waaqayyoo waan of-godheef du’uu qaba” Yesuus Waaqayyoo abbaa waliin tokko akka ta’e dubbatee ture, ilma isaa isa tokkicha. Yihuudonni, warri jechasaa dhaga’anii fi yaada isaanii hubatan, akka inni kan Waaqayyoo ta’uu isaa ibsuuf ta’ee fi akka inni ta’esimmoo shakkii hin qaban turan. Yihuudonni warri dhugaan Yesuusiin, maqaa Waaqayyoo arrabse jechuun qabatani. (Ki. Maat. 20:6,65). Waaqayyoon arrabsuun, dhagaadhaan reebamanii ajjeefamuun nama adabsiisa. (Ki. Leeww. 24:16). Ituu Yesuus foon hin uffanne ta’ee, waaqayyolii tolfamoo duraan turan, dhagaadhaan dha’ama ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:8-12

⁸Philaaxoos dubbii kana yemmuu dhaga’e caalchisee hin sodaate. ⁹Deebi’ees manichatti ol-lixee, Yesuusiin, “Ati eessaa dhuftee?” jedhe; Yesuus garuu deebii hin deebifneef. ¹⁰Philaaxoos kana irratti, “Anatti hin himtuu?” Gadi si dhiisuudhaaf akkan humna qabu akkasumas si fannisiisuudhaaf akkan humna qabu hin beektumoo?” jedheen. ¹¹Yesuus garuu deebisee, “Ituu olii siif kennamuudhaa-baatee, ati humna tokkollee ana irratti hin qabdu turte; kanaafis inni dabarsee sitti na kenne, cubbuu caalaa qaba” ittiin jedhe kanarraa kan ka’es philaaxoos isa gad-dhiisuuf in dhama’e, warri Yihuudotaa garuu, “Namicha kana yoo gadi-dhiifte, ati fira Mootiin warra Roomaa miti, namni ofiisaa mootii of godhu hundinuu, mootii warra Roomaatiin morkata’oo!” jedhanii iyyan.

19:8 “Philaaxoos dubbii kana yemmuu dhaga’e, caalchisee hin sodaate” Haadhi manaan Philaaxoos dursitee waa’ee Yesuus isa akeekkachiiftee/qoqqobatee turte, (Ki.Maat.27:19); fi amma immoo angafooni Yihuudotaa ilma Waaqayyoo ofiin jedhe jechuun isa himachaa jiru. Philaaxoos, waaqa-tolfamaa waan waaqessuuf, ni sodaate. Akka waaqa warra Giriikii fi Roomaatti nama akka namaatti ilaaluun waan beekamaa ture.

19:9

NASB, NKJV

NRSV “Ati eessaa?” ykn “Ati eessa irraayii?”

TEV, NJB,

NIV “Ati eessaa dhuftee?”

Philaaxoos Yesuusiin Magaalaa inni irraa dhufe hin gaafanne, ka’umsa isa malee. Philaaxoos baay’ee nama barbaachisaa ta’uu nama isa dura jiru kanaa hubachuu jalqabe. Yaada Philaaxoos 18:38 irratti jedhe irraa ka’uudhaan Philaaxoos naam Dhugaaf caalaa siyaasaaf yaada kenne ta’uu isaa hubate, kanaafuu deebii hin laanneef.

Philaaxoos garee warra Yesuusiin ajaa’ibsiifataniitti dabalateera garuu eessa irraa akka inni ta’e hin beeku. (Ki. 4:12, 6:42; 7:27-28, 41-42; 8:14; 9:29-30). Kun qaama barreeffama Yohaannis wal-faallessuu waaqaa fi lafaa (Vertical dualism) agarsiisu dha. Yesuus gubbaa irratti dhufe, godanaa ammoo tuqaatii Abbaa malee namni tokkollee beeku/hubachuu/arguu/dhaga’uu hin danda’u (Innis, 6:44, 65; 10:29).

☐ **“Yesuus deebii hin deebifneef”** Philaaxoos deebii Yesuus yaadachuu qaba ture (Ki. 18:37)! Namoonni tokko tokko akka raawwatamuu isaa. 53:7 tti ilaali.

19:10 “Si fannisiisuudhaaf akkan humna qaba” Philaaxoos aboo lafa kanarraa/aboo/aangoo siyaasaa. Ajjeesuuf ykn fayyisuuf akka qabu dubbate, ituma ta’uus fincila/sochii gadhiisii kana duratti mirgasaa kana dabarsee fedhii isaaniitiif kenne. Gaaffiin Philaaxoos akka caaslugaatti deebii “Eeyyee” jedhu eega.

19:11 “Ituu olii siif kennamuudhaabaatee, ati humna tokkollee ana irratti hin qabdu turte” kun kutaa lammaffaa hima haalessaati (2nd CLASS CONDITIONAL SENTENCE) isa “Faallessaa dhugaa” jedhamee waamamu. Yesuus Philaaxoosiin hin doorsifamme. Inni eenyuun akka turee fi maaliif akka dhufe ofiisaa beeka ture! Macaafni Qulqulluun (MQ) aboo/aangoo ilmaan namaa hunda booda waaqayyo akka jiru dhugaa ni ba’a (Ki. Room. 13: 1-7).

▣ **“Inni dabarsee sitti na kenne cubbuu caalaa qaba”** Jalqaba irratti yemmuu deebifamu, waa’ee Yihuudaa nama biyya keeriyoote fakkaata (Ki. 6:64, 71; 13:11), garuu beektonni macaafa danuu Qayyaafaa isa seeraan Yesuusiin warra Roomaatti kenne agarsiisa jedhu. Gaaleen kun walumaagalatti akka itti hubatamuu danda’a:akka waan (1) geggeessitoota Yihuudotaa warra seera-cabsanitti agarsiisuutti ykn (2) Uummata Yihuudaa mara agarsiisuutti (Ki. Maat. 21: 33-46; Maarq. 12: 1-12; Luq. 20:9-91; Room. 9-11).

19:12 “Philaaxoos isa gad-dhiisuuf hin dhama’e” kun henna “Imperfektii” jechuunis gochaa yeroo darbe keessa irra-deddeebi’ame agarsiisa. Si’a baay’ee yaale.

▣ **“Namicha kana yoo gad-dhiifte ati fira mootii warra Roomaa miti”** kun kutaa 3^{ffaa} hima haalessati (3rd CLASS CONDITIONAL SENTENCE) kunis gochaa humna-qabeessa mullisa. Geggeessitoonni Yihuudaa, yoo Philaaxoos fedhii isaanii duukaa bu’ee Yesuusitti du’a faraduudhaabaate, hoogganaa Philaaxoos isa Roomaa keessa jirutti akka gabaasa itti himuudhaan isa doorsisani. Gaaleen “fira mootii warra Roomaa” jedhu kabaja madursa (title) Mootii-Mootota Roomaaf kennamu calaqqisiisa. (Oogustoos ykn Vespaashiyaan irra eegalee)

“Qeesaar” Maq-dursa (title) mootii-mootota Roomaa ture. Juuliyas Qeesaar irraa dhufe Oogustoosiin ammoo dhaalame.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:13-16

¹³Philaaxoos duubbi kana dhaga’ee Yesuusiin gad-baasee, iddoo dhagaa buufamaa isa Afaan Ibraayisxiitti “Gabataa” jedhamutti barcuma firdii irra taa’e. ¹⁴Kunis guyyaa qophe Faasikaa gara sa’atii 6^{ffaa}tti ture, Philaaxoos yemmuus Yihuudotaan, “Ilaa Mootii keessan” jedhe. ¹⁵Isaanis iyyanii, “Balleessi, balleessi, isa fannisi!” jedhan. Philaaxoos immoo, ¹²Mootii keessan fannisuuree?” ittiin jedhe. Luboonni warri angafoonni ammoo deebisanii. “Nuyi Qeesaar Mootii warra Roomaa malee Mootii hin qabnu” jedhan. ¹⁶Yemmus akka inni fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne.

19:13 “Philaaxoos duubbii kana dhaga’ee Yuesuusiin gad-baasee, barcuma firdii irra taa’e!” Luqqisi kun hiika lama qabaachuu danda’a eenyu barcuma firdii irra akka taa’e ilaalchisee lachanu hiikaan “Wiiliyaamsii fi Guudispiid” kan isaan addeessan Yesuusumti mataansaa barcuma firdiirra, akka muka-ga’ootti Mootii Yihuudaa jedhanii, ta’uu saati. Haata’u iyyuu malee, luqqisi kun immoo Philaaxoosiin agarsiisa, isa Yesuusitti faraduuf jedhu.

▣

NASB, NKJV,

NJB “Iddoo buufamaa, garuu isa Afaan Ibraayisxiitti “Gabataa” jedhamuutti”

NRSV “Iddoo dhagaa baafamaa, ykn isa Afaan Ibraayisxiitti “Gabataa” jedhamuutti”

TEV “Iddoo Dhagaa buufamaa” (Ibraayisxiitti Maqaansaa “Gabataa”dha) jedhamutti”

Yohaannis jechoota Ibraayisxii/Aramaayikii hiikoo isaanii wajjin gargaaramuun isaa xiyyeeffannoon wangeela isaatii Ormoota ta’uu isaa agarsiisa. (Ki. Lakk. 17). Iddoon dhagaa buufamaa kun bakka itti warri Roomaa adabbii seeraa kennan ture jechi warra Aramaayikii “Gabataa” jedhu “dhagaa ol-kaafame/dhaabame” jechuudha, ykn “iddoo ol-kaafame” jechuu dha.

19:14 “Kunis guyyaa qophe Faasikaa ture” Akkaataa lakoobsa guyyaa Yohaannisii fi Wangeelota gidduu garaagarummaatu ture. Wangeelota “Synapties” keessatti, Yesuus nyaata Faasikaa bartoota isaa waliin

qabamuusaa fuul-dura afaaniin qabee/ilaalee ture, garuu Yohaannis keessatti nyaatichi guyyaa qopheera irra ta'e ituu guyyaan ayyaanaa hin ga'in, dura jechuudha. Barreeffama guutuu 18:28 irraa ilaali.

☐ **“Kunis guyyaa qopheera Faasikaa gara sa’atii 6^{ffaa} tti ture”** Duraa duuba yeroo Yesuus Philaaxoos duratti qoramuu fi fannifamuu kana dha.

	<u>Maatiwoos</u>	<u>Maarqos</u>	<u>Luqaas</u>	<u>Yohaannis</u>
Murtoo Philaaxoos				sa’atii 6 ^{ffaa} 19:14
Fannifamuu		sa’atii 3 ^{ffaa}		
Dukkanni ta’uu	sa’a 6 ^{ffaa} -9 ^{ffaa} tti 27:46	sa’a 6 ^{ffaa} -9 ^{ffaa} 15:33	sa’a 6 ^{ffaa} -9 ^{ffaa} 23:44	
Iyyesuus Iyyuu	sa’aatii 9 ^{ffaa} 27:46	sa’aatii 9 ^{ffaa} 15:34		

Yemmuu gabateen yeroo kun madaalamu, karaa ibsoo ta’an lamatu ka’a.

1. Hundi isaanii tokko Yohaannis yeroo warra Roomaa gargaarame, 12:00 a.m irraa ka’uun (Ki. “Gleason (. Archer, Encyclopedia of Bible Difficulties, fuula 346), akkasuma Wangeelonni warri kaan sadan immoo yeroo warra Yihuudotaa gargaaramu, 6:00 a.m irraa ka’uun.
2. Yohaannis fannifamuu Yesuus ibsuuf yeroo gara boodaa gargaarame, kunis fakkeenya biraa garaagarummaa Wangeelota kaanii fi Yohaannis gidduu jiru ibsu dha.

Yoh. 1:39 fi 4:6 irraa immoo yeroo warra Roomaa ituu hin ta’iin, yeroo warra Yihuudotaa waan gargaarame fakkaata. (Ki. M.R. Vincent, Word Studies, Vol. 1, P. 403)

Wangeelota hunda keessatti yeroon fakkeenya wa’itti hidhatu/waa agarsiisu dha.

1. Yeroo aarsaa guyyaa guyyaatti Mana-qulqullummaa keessatti dhiyaatuu (9 a.m fi 3 p.m Ki.Hoj.Erg. 2: 15; 3:1)
2. Waaree boodi yeroo itti hoolaan Faasikaa qalamudha.

Macaafni Qulqulluun, Macaafi durii warra bahaa ta’ee, duraa duuba irratti hin xiyyeeffatu, akka amma si’ana seenaan jabaanaa warra dhihaa godhu kana.

☐ **“Ilaa Mootii keessan”** Akkuma lak. 5 agarsiisaa Lakk. 6:12 ta’uu danda’u, akkasuma gaaleen kunis agarsiisa Lakk. 9:9 ta’uu danda’a. (F.F. Bruce, Answer to Questions, fuula 72 ilaali).

19:14 Himi jalqabaa yaada barreessaa kan biraati.

19:15 “Balleessi, balleessi, isa fannisi!” Hundeen jecha “Fannisuu” jedhu “ol-kaasuu” ykn “jajuu” jechuudha, (Ki. 3:14; 8:28;12:32).

☐ **“Luboanni warri hangafooni ammoo deebisanii,”** Nuti mootii Qeesaar warra Roomaa malee Mootii hin qabnu!” jedhan. Jechichi baay’ee nama dhiba. Hangafooni Yihuudotaa kun Waaqayyoon arrabsuun yakkaa jiru, isa isaan ittiin Yesuusitti farachiisuuf jedhanii isa hammeessan KM keessatti Waaqayyo qofaatu mootii saba isaatiiti. (Ki. I Saam. 8)

19:16 “isaanitti” Maat. 27:26-27 fi Maarq. 15:15-16 keessatti qoodi Maqaa loltoota warra Roomaa agarsiisa. Yohaannis keessatti xiyyeeffannoon isaa isa Philaaxoos Yesuusiiin dabarsee fedhii warra Yihuudotaa fi fincila saba sanaatti kenne agarsiisa ta’a.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19: 17-22

¹⁷Isaan akkasitti Yesuusiiin fuudhanii adeeman; Yesuus fannoo isaa ofii baatee gara iddoo “Lafee Mataa” ykn Afaan Ibraayisxiitti “Golfootaa” jedhamutti ba’e/ ¹⁸Achitti isa fannisan; namoota kan

biraa lama garasii fi garanaan, Yesuusiin gidduutti fannisani. ¹⁹ Philaaxoos yemmus waan ittiin beeksisu tokko caafee, mataa fanoo isaatiitti maxxanse; caaffatichis, “Yesuus nama biyya Naazireet, Mooticha Yihuudotaa” kan jedhu ture. ²⁰Iddoon itti Yesuus fannifame mandarichatti dhi’oo waan tureef, caaffata beeksisaa sana Yihuudota keessaa baay’etu dubbise, inni Afaan Ibraaisxiitti, Afaan warra Roomaatti, Afaan warra Giriikiittis caafamee ture. ²¹Yesuus luboonni warri angafoonni

19:17 “Yesuus fannoo isaa ofii baatee” Bifti fannoo Filisxeemota jaarraa tokkoffaa keessa beekamaa miti, tarii qubee guddaa T, qubee xinnaa t, ykn X ta’uu danda’a. yeroo tokko tokko hidhamtoonni baay’een fannoo tokko irratti fannifamu. Boca babaadeyyuu yoo ta’e hidhamaan itti faradame, inni dhaanamee ture, mi’a fannoo isaa hamma lafa itti fannifamuutti baachuu qaba ture. (Ki. Maati. 27:22; Maarq. 15:21; Luq. 14:27; 23:26).

▣ **“Iddoo “Lafee Mataa”** isa Afaan Ibraayisxiitti “Golgootaa” jedhamuutti” hiikaa sirriin jecha kanaa hin beekamu. Jechi Ibraayisxii/Aramaayikii tulluu lafee mataa guutuu fakkaatu agarsiisa miti, garuu lafa onaa gd-jedhaa irratti tulluu daandii ballaa Yerusaalemitti geessu irratti argamu ibsa. Warri Roomaa warra isaan irratti fincilan akka jiilchuutti hin fannisu turan. Arkiyooloojiin hammayyaa keenyan Magaalota durii kanneenii eessatti akka argamu hin beeku. Yesuus keenyanii/dallaa oolaatti, iddoo beekamaa murtoon hojiirra ooluutti ajjeefame.

19:18 “Achitti isa fannisan” Wangeela keessa tokkoyyuu warri Roomaa akkam akka godhanii akka fannisan gadi-fageenyaa hin keenye. Warri Roomaa, warra kaartajiiniyaa irraa, warra kaartajiiniyaa ammoo warra peershiyaa irraa baratani. Boci isaa inni sirriin maal akka fakkaatullee hin beekamu. Ituma ta’uus garuu, akka du’a gara-jabinaan guutee fi dhiphisaa ta’e ni beenna. Kun kan inni karoofame nama lubbuu keessatti eeganii yeroo dheeraa dhiphisuufi. Du’I yeroo baay’ee harganuu dadhabuun raawwata. Kunis fincila Roomaa irratti ka’u hambisuuf jiilchuuf yaadamee wanta godhamu dha.

▣ **“Namoota kan biraa lama”** kun Raajii Isaa. 53:9, Maat. 27:38; Maarq. 15:27 fi Luq. 23:33 keessatti galmaa’ee jiru fiixaan baase.

19:19 “Philaaxoos yemmus waan ittiin beeksisu tokko caafee” Tarii Philaaxoos kana harkaan barreessinaan namni biraan ammoo muka irratti qirix/katabe ta’a Maatiyoos, “Yakka inni ittiin adabame waan mul’isu” jedhee waame (Ki. Maat. 27:37), Yemmuu Maarqosii fi Luqaas ammoo “Waan ittiin beeksisan” jedhanii waaman. (Pigraphe, Cf.Maarq. 15:26; Luq. 23:28)

19:20 “Afaan warra Ibraayisxiitti, Afaan warra Roomaattii fi Afaan warra Giriikitti caafamee ture” Ibraayisxiin Aramaayikii agarsiisa (Ki. 5:2; 19:13, 17; 20:16, Yooseef, Antiq 2. 13.1) Garaa garummaa Wangeelota gidduu jiru ilaalaa akka isaan waa’ee isa mataa Yesuus gubbaarratti barreeffamee jecha tokko jedhan hubachuun baay’ee naam ajaa’iba.

1. Mat. 27:37- “Inni kun Yesuus Mootii Yihuudotaati”
2. Maarq. 15:26- “Kun Mooticha Yihuudotaati”
3. Luq. 23:38- “Mootichi Yihuudotaa isa kana”
4. Yoh. 19:19- “Yesuus nama biyya Naazireet, Mooticha Yihuudotaa”

Tokkoon tokkoon isaanii garaagara, garuu hundeen tokko! Kun seenaa Wangeelonni kaa’an garaagaraa gidduutti wanta mullatudha. Tokkoon tokko barreessaa, yaadannoo isaa karaa garaagaraa katabe. Kun immoo garaagarummaa xinnoo fide, garuu ammayyuu isaan dhuga-baatu isaan arganii dubbatanidha.

Philaaxoos warra hangafoota Yihuudotaa aarsuuf jedhee mata-duree isaa fannoo Yesuus irratti baay’ee sodaatan achi irra kaa’e.

(Ki. Lakk. 21-22)

19:22 “Waan caafe Caafeera!” kun hima henna perfektii lama irraa ijaarame kan xumuramuu fi raawwatamuu wanta barreeffame cimsee agarsiisudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:23-25a

²³Yesuusiin erga fannisaniis warri loltuu, wayyaa isaa fuudhanii, tokko tokko akka isaan ga’utti iddoo afuritti hirmaatan, kitta isaa garuu olii hamma gadiitti dha’aa tokkichaan ba’e malee, hodhaa hin qabu ture.

²⁴Kanaafis, kottaa kittaa kana hin tarsaafnuu, muka itti buufannee abbaa inni ba’uuf ilaalla! “waliin jedhan. Kanaanis dubbiin macaafaa inni, “Wayyaa koo hirmaatanii, uffatakoottis muka buufatan” jedhe in raawwatame.

²⁵Warri loltuus kanuma godhan.

19:23 “Tokko tokko akka isaan ga’utti iddoo afuritti hirmaatan” Loltoonni wayyaa Yesuusitti carraa buufatani. Kun uffata isaa isa irra keessaa qofa agarsiisa. Akkamitti uffanni Yesuus iddoo afuritti hiramuu akka danda’u wanti beekamaan hin jiru. Kun dirqama kopheessa, dirriba kadhannaa (tallith), qabattoo/saqqii mudhii fi uffata isaa irra keessaa ta’uu mala. Yesuus mataatti marata qabaachuuf dhiisuun isaa wanti qabatamaan hin jiru. Yihuudonni guutummaatti qullaa ta’uun adabamu ture. Kunis jecha/ergaa raajii biraa fiixaan ba’edha innis Lak. 24 keessatti caqafameera. (Ki. Faar. 22:18)

▣ **“the tunic”** uffanni irra keessaa Yesuus jecha daneessaa “himatia” jedhuun ibsame. Uffannisaa keessoo baay’ee dheeraanii fi nanna isaatti aanu, kittaa ture. (chiton). Garaagarummaan gidduu isaanii jiru Maat. 5:40 fi Luq. 6:29 keessatti argamuu danda’a. uffanni lachuu “Doorkaas” irraa hojjetama ture. (Ki. Hoj. Erg. 9:29). Yihuudonni jaarraa 1^{ffaa} qofaatti uffata dabalataa jalatti uffatamu kan ‘marxoo’ jedhamu hin uffatu turan. Yesuus guutummaadhumatti uffati irraa hin baafamne.

Gaaleen dhumaa lakk. 23 yaada namicha Yesuusii wajjin jiraachaa ture tokkooti.

▣ **“Kittaan isaa olii hamma gadiitti hodhaa tokkichaan malee, hodhaa hin qabu ture”** kun kara hafuura bu’aa qabaachuu ni danda’a. urrata baay’ee gar-malee mi’aa ta’e Yesuus hin qabaatajedhanii yaaduun hin danda’amu. Yooseef irraa (Antiq. 3.7.4), hangafi lubaa uffata akkasii uffata akka amaleeffannaan rabbinikaal (rabbinical tradition) Musee akkas gochuu isaa ibsa. Kun Yesuusiiif akka agarsiiftuu

1. hangafa lubaa (Ki. Ibroota)
2. nama seera-haaraa tumuu ta’uu danda’a.

Hiikaan cimdiin yeroo hundumaa Yohaannis keessatti ni danda’ama.

19:24 “Kanaanis dubbiin Macaafaa in raawwate!” KM keessatti Faar. 22 hundee jalqabaa waa’ee fannifamamuu kaa’e/

1. Faar. 22:1-2 - Maat. 27:64;
2. Faar. 22:7-8 - Maat. 27:39,43; Marq. 15:29, Luq. 23:25
3. Faar. 22:15 - Maat. 27:48; Maar. 15:29, Luq. 23:25
4. Faar. 22:16 - Maat. 27:35; Maarq. 15:24; Yoh. 20:25
5. Faar. 22:18 - Maat. 27:35; Maarq. 15:24; Luq. 23:24; Yoh. 19:24
6. Faar. 22:27-28. Maat. 27:54; Maarq. 15:39, Luq. 23:47; (Yoh. 20:31; Maat. 28: 18-20; Luq. 24:46-47; Hoj.Erg. 1:8)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:25b-27

^{25b}Fannoo Yesuus bukkees haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maariyaam haati manaa Qiloophaas, Maariyaam isheen Magdalaas in dhaabbatu turan. ²⁶Yesuus yeroo sanatti haadha isaa, bartuu isa inni jaallates ishee bira ituu dhaabatuu argee, haadha isaatiin, “Haadhako, ilaa ilmakee!” jedhe. ²⁷Ergasii bartuu sanaan immoo, “Ilaa haadhakee!” jedhe, bartichi yeroo sanaa jalqabee gara mana ofii isaatti ishee fudhate!”

19:25 “Fannoos Yesuus bukkees haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maarimaam haati manaa Qiloophaas, Maariyaam isheen Maqdallaas in dhaabbatu turan” kan as jiru maqaa namoota Afurii ykn sadii ta’uu isa irratti yaada baay’eeetu jira. Kan inni ta’uu danda’u nama 4 dha, sababisaas obbolaan lamaan maqaa tokkicha, Maariyaamiin, moggaafamuu waan hin dandeenyeef. Obboleettiin Maariyaam, Salomeen, maqaan ishee Maarq. 15:40 fi Maat. 27:56 irratti dha’ameera. Yoo kun dhugaa ta’e, yoos Yaa’iqoob, Yohaannisii fi Yesuus durbii turan jechuu dha. Amalli jarraa lammaffaa (Hegesippus) Qiloophaas obboleessa Yooseef jedha. Maariyaam Maqdallaan ishee Yesuus hafuurota hamaa torba (7) keessaa baase turte, akkasumas mana ishee jalqabaa du’aa ka’uusaa booddee inni itti mul’achuuf filate turte. (Ki. 20:1-2; 11-18; Maarq. 16:1; Luq. 24:1-10)

MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA YESUUS DUUKAA BU’AN

A. Lafa itti yeroo jalqabaaf waa’een dubartoota Yesuus duukaa bu’anii fi isaa fi kutata bartoota isaa gargaaraa turanii caafame Luq. 8:1-3 dha.

1. Maariyaam, ishee Maqdallaa jedhamtee waamamtu (Lak. 2)
 - a. Maat. 27:56, 61:28:1

- b. Maarq. 15:40; 47; 16:1,9
 - c. Luq. 8:2; 24:10
 - d. Yoh. 19:25; 20: 1, 11, 16, 18
2. Yo'anaa haadha manaa Kuuzaa (Naa'oo Heroodis, Lak. 3) Luq. 24:10 keessatti caqafameera.
 3. Susanaa (Lak. 3)
 4. Akkuma kanas qabeenya isaaniitiin Yesuusii fi bartoota isaatiif hojjechaa kan turan baay'enis kan biraa turan (Lak. 3).
- B. Gareen dubartootaa fannifamuu Yesuus irratti akka argaman ibsameera.
1. Maatiwoos Kan tarreesse
 - a. Maariyaam Maqdallaa (27:56)
 - b. Maariyaam haadha Yaa'iqoobii fi Yooseef (27:56)
 - c. Harmee ilmaan Zabdiyoos (27:56)
 2. Maarqoos kan tarreesse
 - a. Maariyaam Maqdallaa (25:40)
 - b. Maariyaam harmee Yaa'iqoob isa quxisuu fi Yooseef (15:40)
 - c. Salomee (15:40)
 3. Luqaas, “dubartoota Galiilaadhaa Yesuusiin duukaa bu'an” qofa jedha. (23:49)
 4. Kan Yohaannis tarreesse.
 - a. Maariyaam haadha Yesuus (19:25)
 - b. Obboleettii haadha isaatii (19:25)
 - c. Maariyaam ishee kan Qiloophaas (KS “Cleophas,” kun haadha manaa ykn intala Qiloophaas jechuu ta'uu danda'a] (19:25)
 - d. Maariyaam Maqdallaa (19:25)
- C. Iddoo awwaalcha Yesuus gareen dubartootaa ilaalaa akka turan caqafameera.
1. Maatiwoos akka tarreessetti
 - a. Maariyaam Maqdallaa (27:61)
 - b. Maariyaam ishee kaan (27:61)
 2. Maarqoos akka tarreessetti
 - a. Maariyaam Maqdallaa (15:47)
 - b. Maariyaam harmee Yooseef (15:47)
 3. Luqaas “Dubartoota galiilaa Yesuus duukaa bu'an “qofa jedha. (23:55)
- D. Sababa bariin garee dubartoota gara awwaalchaa dhufanii
1. Akka Maatiwoos tarreessetti
 - a. Maariyaam Maqdallaa (28:1)
 - b. Maariyaam ishee kaan (28:1)
 2. Akka Maarqos tarreessetti
 - a. Maariyaam Maqdallaa (16:1)
 - b. Maariyaam harmee Yaa'ixoob (16:1)
 - c. Salomee (16:1)
 3. Akka Luqaas tarreessetti
 - a. “Gara awwaalchaa in dhufan” (14:1-5)
 1. Maariyaam Maqdallaa (24:10)
 2. Yo'anaa (24:10)
 3. Maariyaam harmee Yaa'iqoob (24:10)
 4. Yohaannis Maariyaam Maqdallaa qofa caqase (20:1, 11)
- E. Dubartoonni kutaa isa ol-aanu keessatti akka argamanis caqafameera. (Hoj. Erg. 1:14)
1. “Dubartoota” (1:14)
 2. Maariyaam haadha Yesuus (1:14)
- Hariiroo ifaan/kana jedhamu dubartoota kutaa garaagaraa kana gidduu jiru beekamaa miti. Maariyaam Maqdallaa, akkuma beekamu, ga'ee/miinaa ol-aanaa qabdi. Barreeffamni ba'eessi waa'ee “Dubartootaa” ilaalchisee isaan jireenyaa fi tajaajila Yesuus keessatti qabani, kitaaba “Dictionary of Jesus and Gospels” jedhu kan IVP'n maxxanfame, fuula 880-886 keessatti ni argama.

19:26 “Bartuu isaa isa inni jaallate” Yohaannis Wangeela keessatti maqaansaa waan hin ibsaminiif, baay’een akka karaa inni ittiin of ibseetti fudhatu. (Ki. 13:23; 19:26; 21:7,20). Tokko tokkoo isaanii keessatti inni jecha “Agapao” jedhu gargaarama, garuu 20:2 keessatti gaaleema tokkicha gargaarame garuu asitti “Phileo” (Fiiliyoo) wajjin, Yohaannis keessatti jechoonni kun hiika wal-fakkaataa qabu; 3:35, ‘agapao’ (agaaptee) fi 5:20, ‘Phileo’ (Fiiliyoo) waliin madaali. Lachanuun isaanii jaalala abbaan ilmaaf qabu agarsiisu.

19:27 “bartichi yeroo sanaa jalqabee gara mana ofii isaatti ishee fudhate” kun tarii dirqama Yohaannis battaluma Maariyaamiin gara mana ofiisaatti fudhate jechuu ta’uu dhiisuu danda’a, Yooma tarii Maat. 27:56 fi Maarq. 15:40 keessatti dubartoota maqaan isaanii achitti tarreeffame keessaa hin jirtu ta’ellee. “Tilaadiishin” Yohaannis hamma Maariyaam duututti akka ishee kunuunsaa turee fi achiis gara Eeshiyaa Maaynarii (keessumaa Efesasi) tti akka godaane achittis tajaajila yeroo dheeraa fi milkaa’aa akka godhe ni dubbata. Inni jaarsolii Efesus irraa jajjabina arateen, yaadannoo jireenya gooftaa Yesuus, erga dulloomee.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 19:28-30

²⁸Yesuus amma wanti hundinuu fiixaan ba’uu isaa beekke, dubbii Macaafaa fiixaan baasuudhaaf, “Nan dheebodhe” jedhe. Xinhimaan (Syntactically) yemmuu ilaalamu Macaafni, gaalee “Nan dheebodhe” ykn “wanti hundinuu fiixaan ba’uu isaa” keessa isa kam akka ibsu ifaa miti. Akka barmaataatti yoo fudhatame, yoos “nan dheebodhe” inni jedhu agarsiiftuu Faar. 69:21 ti.

19:28 “Yesuus amma wanti hundinuu fiixaan ba’uu isaa beekke dubbii Macaafaa fiixaan baasuudhaaf, “Nan dheebodhe” Inni kun karaa aadaatiin, “nan dheebodhe” wal dhugomsuu Ps. 69:21.

19:29 “Qodaan daadhiin wayinii dhangagaa’aan keessa guute tokko achi in dhaabbata ture” kun daadhii wayinii isa rakasa ture. Yeroo fannifaman akka lubbuun dafee keessaa hin baaneef, dhangala’aa xinnoosheetu isaaniif kennama ture.

▣ **“Daadhii wayinii dhangagaa’aa”** kun dhangaggaawaa jechuu dha. Kun dhugaatii warra hiyyeeyyii ture. Daadhii wayinii qumbiidhaan makame isa dubartoonni Yerusaa’em isaaf kennanii turan diduusaa qalbeeffadhu. (Ki. Marq. 15:23; Maat. 27:34). Sababa inni dhugaatii kana fudhachuu danda’uuf Faar. 22:15 fiixaan baasuuf ta’a. Haasa’uudhaaf baay’ee dheebote akkasumas waan ammayyuu jechuu qabu tokko qaba ture.

▣ **“Hanxaxii hisoophii itti kaa’anii”** Tokko tokko kana akka fakkeenya muka addaa tajaajila Faasikaa irratti gargaaramamuutti ilaalu. (Ki. Ba’uu 12:22). Kaan immoo jechi kun barreessitoota duriin dogoggoraan jijjiirameeti malee jalqaba isa “Shaanfoo”, “Eeboo” ykn “Ulee” dha jedhanii amanu. (Ki. NEB garuu REB’n Hisoophiitti diddiire) Maat. 27:48 fi Maarq. 15:36 “Ulee” jedhu/qabu.

Sababiin barreeffamni kun jijjiirameef Misoophiin Jirma dheeraa hin qabu ture. (2-4 f t qofa), garuu fannoon ammayyuu lafarraa baay’ee ol-kaafamee akka hin dhaabbatiin jiru yaadatamuu qaba. Akkaataa barmaata keenyaa nuti ittiin fannoo dheeressinee ilaallu 3:14 akka malee hubachuu keenyaaf sababa ta’uu danda’a. Miilli Yesuus lafarraa 1ft ykn 2ft caalaa ol-ka’ee hin jiru ta’a.

19:30 “Fiixaan ba’eera” Yaada xumuraa Wangeelotaa irraa sagaleesaa ol-kaasee akka iyye baranna. (Ki. Marq. 15:37; Luq. 23:46; Maat. 27:50) kun hojii fayyinaa fiixaan ba’e agarsiisa. Jechoonni akka kanaa (telos) barreeffama warra Misiraa (Gibxi (Moalton & Milligan) keessatti jechama daldalaa “guutummaatti kanfaluu” agarsiisu dha.

▣ **“Mataa isaas jallisee hafuura isaa kenne”** Gaaleen “mata isaa jallisee” jettu jechama “rafuu”ti. Du’I Yesuus isaaf yeroo callisuu ture. Agarsiisi ykn ragaan kanaas du’a keessatti hafuura namaatu foon namaa irraa adda ba’a. kun amantootaaf guyyaa du’aa fi guyyaa du’aa ka’uu gidduutti jireenya foon malee jiraachuuti. (Ki. 2 Qol. 5; Tes. 4:13-18, “William Hendriksen” ilaali, *The Bible on the life hereafter*)

Wangeelli Maarq. 15:37 fi Luq. 23:46 keessatti waa tokko jedhu; “Hafuurri isa keessaa yaa’e”. Jechi Ibraayisxii “hafuura” fi “harganuu” tokkummadha. Hafuura/harganuu isaa isa dhumaa inni jedhu akka waan hafuurri isaa keessaa yaa’eetti ilaalama (Ki. 2:7).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 19:31-37

³¹Guyyaan sun guyyaa itti qopha'an, guyyaa sanbata isatti aanus guyyaa guddaa ture. Kanaaf dhagna warra fannifamanii, guyyaa sanbataatti fannoo irraa akka hin oolle gochuudhaaf, lafeen miillan isaanii cabsamanii fannoo irraa akka gad-buufamaniif, warri Yihuudotaa Philaaxoosiin gaafatani. ³²Akkasitti warri loltuu dhufanii, miilla namicha isa duraa kan isa isaa waajjin fannifamees in cabsan. ³³Gara Yesuus dhufanii, kanaan dura du'uu isaa yemmuu argan garuu miilla isaa hin cabsine. ³⁴Haata'u iyyuu malee, warra loltuu keessaa inni tokko eeboodhaan Cinaacha isaa waraannaan, yemmuusuma dhiigaa fi bishaanni keessaa lola'e. ³⁵Inni kana arge dhugaa ba'eera, wanta inni dhugaa ba'es amanamaadha; isins immoo akka amantanitti, inni isa dhugaa akka dubbatu in beeka. ³⁶Kunis inni macaafni, "Lafeen isaa tokko illee hin cabsamu" jedhe haa raawwatamuuf ta'e. ³⁷Macaafni iddoo biratti ammoo, "Garuma isaa waraananii in ilaalu" jedhe.

19:31 "Guyyaa Sanbataatti fannoo irra akka hin oolle gochuudhaaf" Yihuudonni guyyaa ayyaanaatti akka reeffi naannoo hin faalleef baay'ee of-eegatu turan (Ki. Ke.Deeb. 21:23), keessumaa guyyaa Sanbata guddaa Faasikaa isa qulqulluu ta'ee.

▣ **"(guyyaan Sanbata isatti aanuus guyyaa guddaa ture)"** kun karaa lama hiikamee jira.

1. Waggaa kana nyaanni Faasikaa fi Sanbati walirraa dhufee jira. (Yihuudonni dhaha ji'aa/baatii gargaaramu)
2. Waggaa kana Ayyaanni Maxinoo Sanbataa wajjin walirra dhufee jira. Ayyaana Faasikaa fi Maxinoo (Ki. Ba'uu 12) ayyaana guyyaa 18 f ture.

▣ **"Lafeen millan isaanii Cabsamanii fannoo irraa akka gad-buufamaniif"** Ifaadhumatti, haalli kun kanaan dura ta'ee beeka. Garduumii guddaadhaan miilli warra fannifamanii cabsama ture. Fannifamuun yeroo baay'ee hafuura namaa gaggabsuun/kukkutuun dadhabsiisee nama ajjeesa ture. Miilla cabsuun ammoo battalumaan kana godha. Sababi isaas namni harganuuf miillasaa ol-deebifachuu hin danda'u waan ta'eef.

19:33 "Kanaan dura du'uu isaa yemmuu argan, miilla isaa hin cabsine" Kunis fiixaan ba'iinsa raajii Ba'uu 12:46, Lak. 9:12 fi Faar. 34:20 keessatti duraan dursee dubbatameeti.

19:34 "Warra loltuu keessaa inni tokko eeboodhaan cinaacha isaa waraannaan, yemmuusuma dhiigaa fi bishaanni keessaa lola'e" kun ragaa ijaan argamee fi karaa amansiisaa ta'e dhuguma du'uu Yesuus kan mirkaneessu ture, achumaanis nama dhugaa ta'uu Yesuus Masichaa addeesse. Wangeelli Yohaannis, akkasumas ergaan isaa inni jalqabaa, kan isaan barreeffaman yeroo itti falaasami Yesuus Waaqotii keessaa tokko, garuu nama akka hin taane, guddachaa turan keessa.

19:35 Luqqisi kun waa'ee yaada Yohaannis kenneeti, isa qofaasaa ragaa ijaa taatewwan hundaa: (1) halkaniin qoramuu/qormaata halkanii (2) qormaata warra Roomaa fi (3) fannifamuu ture. Yaada inni du'uu Yesuus irratti kenne 20:30-3 tti qajeelloodha, kunis kaayyoo/ergaa Wangeela babal'isuu Wangeelumti mataansaa of-keessaa qabu mul'isa. Mata-duree addaa ilaali: 1:8 irraa Ragoolee Yesuus.

Barreeffamni afaan Giriikii gochima isaa isa gaalee dhumaa keessatti argamuun kanarraa adda ta'u jira. Yoo jalqabuma "Qonstii" ta'eef, warra amantoota hin ta'iin irratti xiyyeeffata akkuma 20:30-31 irratti godhe. Haata'u iyyuu malee yoo henna si'anee (present) ta'e ammoo, amantii itti fufiinsa qabuu fi guddatu agarsiisa. Wangeelli Yohaannis garee lachanuuf iyyuu waan hojjetu fakkaata.

▣ **"Dhugaa ... amanamaa"** Mata-duree addaa 6:55 fi 17:3 irra jiru ilaali.

19:36 Tarii kun agarsiisa hoolaa Faasikaa Ba'uu 12:46, Lak. 9:12, ykn Faar. 34:20 irraa ta'a. Gaaleen inni kam akka ibsame/gaalee isa ibsame irratti hunda'a. (1) Waraaname ykn (2) Cabsame Yesuus mataansaa Caaffata kana yemmuu guyyaa 40'f du'aa ka'uu isaa booddee lafa kana irra ture waldaa ishee jalqabaatti agarsiiseera. (Ki. Luq. 24:27; Hoj. Erg. 1:2-3). Lallabi waldaa ishee jalqabaa kun fiixaan ba'iinsa raajii Kakuu Moofaa(KM) kana isa Yesuus isheetti agarsiise calaqqisiisa.

19:37 Kun jecha Lakk. 12:10 irratti waadaa guddicha isa

1. gaaf-tokko Isiraa'el Yesuusitti amantiidhaan deebituu/Masichatti amantiidhaan deebituu.
2. Yihuudonni baay'een warri amanani du'a Yesuusitti baay'ee gaddaa turan.
3. Kunimmoo loltoota Roomaatti agariisa (Ki. Maat. 27:54) ormoota bakka bu'uudhaan. (Ki. 12:32)

Kan baay'ee namatti tolu luqqisi kun, akkuma beekamu, luqqisa Masoreetikii Ibraayisxii irraa ta'uu isaati, "Septuagint" isa barreessitoota Wangeelaa baay'een caqafamu ituu hin ta'iin, "Septuagint" 'ga'isuu' jedha; garuu "Masoretic" ammoo "waraanuu" jedha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 19:38-42

³⁸Kana boodees Yooseef kan jedhamu namni biyya Armaatiyaa tokko, reeffa Yesuus fannoo irraa fudhachuudhaaf Philaaxoosiin kadhata; Philaaxoos tole jennaan, namichi dhaqee reeffa Yesuus fudhate. Namichi kun Yihuudota waan sodaateef, mul'inatti ituu hin ta'in dhoksaatti baltuu Yesuus ture. ³⁹Niqoodimoos ammoo inni gaafa jalqabaa halkaniin Yesuus bira dhufe, waliin makaa qumbii fi sabirii Naxirii dhibba tokko kan ta'u fudhee iddoo sana dhaqe. ⁴⁰Yommus reeffa Yesuus fuudhanii akka amala awwaala Yihuudotaatti, urgooftuu sanaa wajjin wayya quncee talbaa irraa hojjetameen kafanan. ⁴¹Lafa inni itti fannifame sana immoo iddoon dhaabaa tokko turee, iddoo dhaabaa sana keessas awwalli haaraan, kanaan dura namni keessatti hin awwaalamini tokko ture. ⁴²Guyyaa warri Yihuudotaa itti qopha'an ta'e, awwaalchi dhi'ootti waan argameef, Yesuusiin achi keessa kaa'an!

19:38-39 "Yooseef Niqoodimoos" Warreen kun lamaan, miseensota "Sinhedriin"/yaa'ii Yihuudotaa qabanii fi bartuu Yesuus dhoksaatti turani yeroo murteessaa fi hamaa kanatti sabatti of-baasanii dha.

19:39 "Waliin makaa qumbii fi sabirii Naxirii dhibba tokko kan ta'u fuudhee iddoo sana dhaqe" kun amaleeffannaa sirna awwaalcha foolii gaarii qabu warra Yihuudotaa jaarraa 1^{ffaa} keessa jiraachaa turanii keessatti urgooftuu beekamaadha. Himmi isaa garuu baay'ee irraa haffaa dha, namoonni baay'een kana akka agarsiiftuu Yesuus akka mootiitti awwaalamuutti fudhatu. (Ki. 2 Seenaa Baraa 16:4) Mata-duree addaa dibata irratti 11:2 irraa ilaali.

Jechi Giriicf. "Makaa" (Migma') MSS fuula 66 \aleph^2 , A, D, L, keessatti ni argama, akkuma kanas abbootiin waldaa fi hiikaan garri caalani, akkaataa baay'ee nama ajaa'ibuun gara "walitti hidhamaa" ("package") tti jijjiiran (eligma) MSS \aleph^* , B, W, akkasumas hiikaawwan "Kooptikii" tokko tokko keessatti ni argamu. UBS⁴ "Makaaf" madaalli "B" kennaaf (Gara isa sirriitti siqa)

MATA DUREE ADDAA: URGOOFTUUWWAN AWWAALCHAA

- A. Qumbii, "haancaa" foolii gaarii qabu muka Arabootaa irraa.
1. Urgooftuun kun KM (kakuu Moofaa) keessatti si'a 12 caqafame, baay'inaan barreeffamoota ogummaa keessatti akka urgooftuutti.
 2. Kun kenna yemmuu Yesuus dhalate ogeeyyiin urjii lakka'an ba'a biiftuu sun fidaniifii turan keessaa tokko ture.
 3. Mallattoon isaa wanta nama harkisu
 - a. "dibata qulqullaa'aa ittiin diban" keessatti gargaramamaa ture (Ba'u. 30:23-25)
 - b. Akka kenna mootiif kennamuutti gargaaramamaa ture (Mat. 2:11)
 - c. Yesuusiin awaalcha isaa irratti dibuuf gargaaramameera. (Ki. Yoh. 19:39 fi fakkeenyaan Yoh. 11:2). Kun akkaataa amala Yihuudotaatti akka ta'e "Talmuud" keessatti ibsameera. (iinis Beeraak hoot 53a)
- B. Sabirii, Gosa mukaa foolii gaarii qabu.
1. Urgooftuu foolii gaarii qabutti hidhata (Ki. Lakk. 24:6; Faar. 45:8; Fak. 7:17; Weed. 4:14)
 2. Adeemsa akka reeffi hin tortorre gochuu keessatti warri Misiraa/Gibxii qumbii wajjin walitti makanii itti gargaaramu turan
 3. Niqoodimoos hammaan baay'ee kan ta'e sabirii kana awwaalcha Yesuusiif fidee akkasumas isaan isa dibe.. (Ki. Yoh. 19:39). Kan akkaataa amaleeffannaa Yihuudotaatti akka ta'e "Talmuud" keessatti ibsameera. (Innis, Beetsaa 6a).

19:40 “Yemmus reeffa Yesuus fuudhanii akka amala awwaala Yihoodotaatti urgooftuu sanaa wajjin wayyaa quncee talbaa irraa hojjetameen kafanan” Urgooftuun sun waa lamaaf ture: (1) foolii gadhee balleessuufii (2) kafana awwaalchaa sana iddootti eeguuf ture.

19:41 “Lafa inni itti fannifame sanammoo iddoon dhaabaa tokko turee” Ariitii ittiin Yooseefii fi Niqoodimoos hojjetani hubachuun keenya baay’ee barbaachisaa dha. Yesuus waaree booda sa’a 9:00 tti du’e, sa’atii 12 irratti ammoo awwaalammoo qaba ture, guyyichi guyyaa itti sanbatni ayyaana Faasikaa Yihuudotaa jalqabu ture.

▣ **“awwaalli haaraan namni kanaan dura keessatti hin awwaalamiin”** kun henna “Peeriifilaastik Perfekt Paasiiv Paartisippiliiti. Maat.27:6 irraa iddoo dhuunfaa awwaalchaa Yooseef akka ta’e baranna. Kun raawwatamiinsa Isaa. 53:9, Maat. 27:57 keessatti caqafameeti.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’aa, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Loltoonni maaliif Yesuusiin dhaanani ittis ammoo ga’isanii?
2. Barbaachisummaan yaalii Philaaxoos, Yesuusiin gadhiisuuf irra deddeebi’ee godhe maaliif?
3. Jechi warra Yihuudotaa isaan lakk. 15 irratti jedhan maaliif baay’ee nama dinqaa?
4. Maaliif gadi-fageenyi/baballoominni waa’ee fannifamuu wangeelaa gara wangeelaatti adda adda ta’ee?
5. Kees Deeb. 21:23 attamitti/attamiin fannifamuu Yesuusitti hidhataa?

YOHANNIS 20

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Du'aa ka'uu Yesuus 20:1-10	Awwaalcha duwwaa 20:1-10	Du'aa Ka'uu 20:1-10	Awwala duwwaa 20:1-10	Awwala duwwaa 2:-1-2 20:3-10
Yesuus Maariyaam ishee Maqdallaatti mul'achuu isaa 20:11-18	Maariyaam isheen Maqdallaa Yeuus isa du'aa ka'e argite 20:11-18	20:11-18	Yesuus Maariyaam ishee Maqdallaatti mul'ate 20:11-13a 20:13b 20:14-15a 20:15b 20:16a 20:16b 20:17 20:18	Maariyaam ishee Maqdallaatti mul'achuu 20:11-18
Yesuus bartoota isaatti mul'achuu isaa 20:19-23	Bartoonni (ergamoonni) in ergaman 20:19-23	20:19-23	Yesuus bartoota isaatti mul'ate 20:19-23	Bartootatti mul'achuu 20:19-23
Yesuusii fi Toomaas 20:24-29	Arguu fi amanuu 20:24-29	20:24-29	Yesuusii fi Toomaas 20:24-25a 20:25b 20:26-27 20:28 20:29	20:24-29
Kaayyoo Malaafichaa 20:30-31	Akka amantaniif 20:30-31		Kaayyoo Macaafichaa 20:30-31	Xumura duraa 20:30-31

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) *SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

ILAALCHA HAALA NAANNOO KUTAA LAKKOOFSAWWAN 1-29

- A. Tokko tokkoon abdiwwan Yesuus bartoota isaatiif Yoh. 14-17 keessatti kenne galgala sanbata guddaa isa guyyaa du'aa ka'uu calqabaa raawwatame. Yaada 16:20 irra jiru ilaali.
- B. Yaada gad-fageenya waa'ee du'aa ka'uu irratti wangeelonni yaada adda addaa qabu. Sababi isaa:-
 1. Isaan dhugaa baatu ijaati.
 2. Baroonni baay'een waan darbaniif (waan tureef)
 3. Tokkoo tokkoon isaanii xiyyeeffatanii namoota barreessaniifii fi wantota adda addaa irratti waan xiyyeeffataniif.

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 20:1-10

¹Guyyaa jalqaba torbaniitti (gaafa Sanbata guddaa) utuu dukkanaa'uutti jiruu obboroodhaan Maariyaam isheen Maqdallaa gara awwaalchaa dhuftee, dhagichi awwaalcha ittiin cufanii turan, awwaalcha irra akka fuudhame argite. ²Isheen fiigaa gara Simoon Pheexiroosii fi gara bartuu isa kaan, isa Yesuus jaalatee dhuftee, “Goofticha awwaala keessaa fudhataniiru, eessa akka isa kaa'anis hin beeknu!” jettee isaanitti himte. ³Yommusuma Pheexiroosii fi bartuu inni kaan ba'anii, gara awwaalchaa dhaqan. ⁴Isaan lamaan wali wajjin fiigaa; bartuun inni kaan garuu, Pheexiroos dura darbee fiigee dura awwaalcha bira ga'e. ⁵Innis gad jedhee kafanni achi akka jiru arge malee, keessa hin lixne. ⁶Simoon Pheexiroosis immoo isa booddeedhaan dhufee achumaan awwaalchatti ol lixee, kafanichi achi kaa'amee arge. ⁷Erbeen mataa Yisus irra ture garuu, kafanichaa waliin hin ka'amne, dachaafamee kophaatti iddoo tokko ture malee. ⁸Kana booddee bartuu inni kaan, inni Pheexiroos dura awwaala bira ga'ee ture, keessa lixee, kana argee amanees. ⁹Macaafni “inni warra du'an keessaa ka'uun in ta'aaf” in jedha, isaan garuu kana hamma ammaatti hin beekne. ¹⁰Kana booddee barattoonni deebi'anii manatti galan.

20:1 “Guyyaa jalqaba torbaniitti” kun sanbata guddaadha, guyyaa jalqaba hojii, isa guyyaa Sanbata isa guddaa ayyaana Faasikaatti aanee dhufu, yeroo iji midhaani inni duraa mana qulqullummaaf dhiyaatuda. Yesuus ija midhaan isa duraa warra du'anii ture. (1Qor. 15:23) Yesuus sanbatoota gurguddaa walitti aanan sadan galgala amantoonni guyyaa sanbata guddaa akka waaqayyoon waaqeffataniif haala qixeesse.

☐ “Maariyam ishee Maqdallaa” isheen dubartoota baay'ee yesuusii fi bartoota isaa duukaa bu'an keessaa ishee tokko dha. Yesuus biyya Galiilaatti hafuurota hamoota baay'ee keesaa baase (Mar. 16:9; Luq. 8:2). Yeroo Yesuus fannifame turteetti. Yaada 19:25 irra jiru ilaali.

Wangeelli Yohaannis Maariyaam maaliif akka dhaqxe hin ibsu. Yoo ta'ellee Mar. 16:1 fi Luq. 23:56 dubartoonni baay'een (lakk. 2 ilaali) urgooftuu dibuuf akka dhaqan ibsu. Akkuma mul'atu dubartoonni kun Yoseefii fi Niqoodimoos akka Yesuusiin urgooftuu diban hin beekne ta'a yookiin immoo dabala barbaachisa jedhanii yaadaniiti.

☐ “Utuu dukkanaa'uutti jiruu” akkuma mul'atu yeroo isheen warra kaan manaa ba'an, dukkana ta'a, garuu yeroo isaan iddicha ga'an bari'eera (Mat. 28:1; Mar. 16:2).

☐ “Dhagichi awwaalcha ittiin cufanii turan awwaalcha irraa fuudhame” jechaan “bakkeetti fuudhame” (xumme yeroo darbaa fagoo) boolla irraa jechuudha. (Mat. 28:2 waliin ilaali). Dhagichi kan awwaalarraa fuudhameef dhuga baatonni ija awwaalaa keessa ilaalani akka hubataniif malee, Yesuus achi keessaa akka ba'uuf akka hin taane hubadhu. Qaamni isaa inni du'aa ka'u akka qaama isaa isa duraa kan wa'iin daangeffame miti. (20:29, 26).

▣ **“Bartuu isa kaan, isa Yesuus jaallate”** jechi Giriikii jaallala isa jedhuuf ka’ame *“Pheleō”* Fileho kan inni agarsiisuus “jaalala obbolummaa”ti. Haata’u iyyuu malee afaan Giriikii isa duriitti (3rd dh’k’Du- 3rd dh.k.b) jecha Giriicf.Agapat *Agapahō* jedhuu wajjin waliin tokko ta’ee itti gargaaramama ture. Bartuun maqaa dha’ame kun Yohaannis fakkaata, barreessaa wangeelaa (4-8 fi 13:23 waliin ilaali). Iddoo kanatti bartuun kun pheexiroos wajjin ta’ee argama.

▣ **“Goofticha awwaala keessaa fudhataniiru”** (Aorist Active indicative) hojii raawwatame kan agarsiisudha. Yesuus deemeera. Akka yaada Maariyaamitti goofticha awwaala keessaa kan fudhate geggeessitoota Yihuudotaati. Du’aa ka’uu Yesuusitti bartoonni fi duuka buutonni Yesuus, kutaa manaa isa ol’aanaa keessa warri ture in dinqisiifatan!

▣ **“hin beeknu”** Maariyaam iddoo kanatti “nuti hin beeknu jechuu isheeti. Nu’i kan jedhu kun Maariyaam ishee Maqdallaa, Maariyaam haadha Yaa’iqoob, Saalomee fi dubartii ishee kan biraadha. Mat. 28:1; Mar. 16:1; Luq. 24:10).

20:4 “Bartuu inni kaan garuu Pheexiroos bira darbee dura awwalcha bira ga’e” Yohaannis bartoota warra kaan caalaa umuriidhaan dargaggeessa ture ta’a (akka adaatti akkas jedhama)

20:5 “Gadi jedhee” awaalonna yerosii ittiin lixa gad jedha faana 3-4 dheeratu qabu turan. Namni tokko ol lixuu fi gadi gugguufuu isaa barbaachisa.

▣ **“arge”** kun jechaan “Sirriitti arguu ija gar-tokkoon ilaaluu jechuudha. Kunis kan ta’eef sababa ifa ganamaa fi awwaalchi keessi dukanaa ta’eef.

▣ **“Kafanichi achi kaa’amee arge”** Barreeffama Giriikii keessatti kafanichi eessaa fi attamitti akka inni ka’amee jiru in ibsu. Utuu reeffi yesuus hatameera ta’e, kafanichi in fudhatama ture, sababi isaa urgooftuun sun qaama Yesuusi wajjin walitti qaba waan ta’eef.

20:6 “Simoon Pheexiroos” Simoon (*Keefa*) maqaa Pheexiroos isa afaan Ibrootaati (*armaayikii*), Pheexiroos immoo maqaa isaa isa Afaan Giriikii Yesuus moggaase. Hiikkaan isaa “dhagaa hin sochoone” /Mat. 16:18/. Armaayikiitti Peexiroosii fi *Peetiraa* gidduu garaagarummaan hin jiru.

20:7 “Erbeen mataa” fuulli isaa erbee/uffata/addaan maramee ture. 11:14 wajjin ilaali. Erbeen kun kan inni gargaaruuf:- (1) Fuulatti maramuuf, (2) Fuularra buufamuuf, (3) Mangaagaan iddooti akka eegamuuf hiidhuuf (TEV wajjin ilaali).

▣ **“dachaafamee qophaatti iddoo tokko ture”** (xummee dura fagoo paasiivii) kunis kan agarsiisu namni biraan tokko akka dachaaseedha. Kan waan xiyyeeffannaa Yohoonnis fudhatee akka inni amanu godhe (Lak. 8 wajjin ilaali)

20:8 “Kana argee amanees” Yohaannis ragaa ijaan argamu argee, jiraataa ta’uu Yesuus amane! Yookin lakk. 11 fi 19 wajjin ilaali. Sirriidhumatti? Du’aa ka’uu Yesuusitti amanuun barsiisa dubbii waaqayyoo keessatti dhimma baay’ee barbaachisaadha.

1. Room 10:9-13

2. 1Qor. 15

1Qor. 15:12-19 xumura gaarri utuu Yesuus du’aa hin kaane ta’e waan ta’aniiti. Du’aa ka’uu ijoo dubbii dhugaa lallaba ergamootaati, kunis hojii ergamootaa keessatti “keerigimaa” jedhama (Labsii) jechuudha. Mata duree addaa 5:39 irraa dubbisi.

20:9 “Isaan garuu kana hamma ammaatti hin beekne” kun yaada gulaalaa isa nami barreesse kennedha. Far. 16:10 tti agarsiisa ta’a. kunis yaada isa pheexiroos gaafa ayyaana guyyaa shantamaffaa H.Er.2:27 maqaa dha’eedha. Haata’u malee gara Isa 53:10-12 yookiin Hos 6:2 agarsiisuu danda’a. Gumiin Yihuudotaa waa’ee du’aa ka’uu isaa isa Yesuus dubbate yaadataniiru. Mat. 27:62-66 ilaali, bartooti garuu hin yaadanne. Waan hin eegamne dha!

Akka barsiisa dubbii Waaqayyootti lakkoofsi kun yaada dhugaa isa Hafuurri hamma ammaatti bartoota irra akka inni hin bu’iin in jabeessa. Hafuurri al tokko kennamnaa waan Yesuus jedhee fi hojii isaa bartoonni akka yaadatan godha. 2:22; 14:26 wajjin ilaali.

20:10 Kana jechuun tarii 1. Galiilaatti deebi’an (Mat. 20:37; 28:7;10;16: Yoh. 21 galaana Galiilaatti utuu isaan qurxummii qabani agarsiisa. 2. Iddoo jireenya isaanii Yerusaalemitti deebi’an. Sababi isaa shaakalli du’aa ka’uu Yesuus boodaa kutaa manaa isa ol’aanaa keessatti. Kun yaada isa baay’ee dhugaa ta’uudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 20:11-18

¹¹Maariyaam alaan awwaala bukkee dhaabbatee in boossi turte; isheen bo’aa gadi jettee awwaalicha keessa ilaalte. ¹²Ergamoonni Waaqayyoo lama uffata adii uffatanii, iddoo Yesuus kaa’amee ture, inni tokko mataa duraan, inni kaan immoo miilla jalaan, utuu taa’anii argite. ¹³ Isaan yommuu “Dubartiinana, maaliif boossaa, jedhanii ishee gaafatan; isheen immoo “Gooftaa koo fudhatanii, anis iddoo isa kaa’an hin beeku” jettee isaaniif deebfite. ¹⁴Kana jechaa yemmuu garagalte, Yesuusiin argite. Inni achi dhaabbatee ture; isheen garuu Yesuus ta’uu isaa hin barre. ¹⁵ Yesuus immoo, Dubartiinana maaliif boossaa? Eenyuun barbaaddaa?” jedhee ishee gaafate; isheen illee, kun eegduu dha jettee, waa yaadeef “Gooftaako ati asii fuutee iddoo tokkotti isa geessiteetta yoo ta’e, eessa akka isa keesse anatti himi, ani dhaqee isa nan fida” ittiin jette. ¹⁶ Yemmuu Yesuus “Maariyaam” isheedhaan jedhe isheen immoo gara isaatti garagaltee Afaan Ibraayisxiitiin “Robbuunii!” jette; Kana jechuun “Barsiisa” jechuudha. ¹⁷Yesuus immoo “ana hin qabin! Ani amma iyyuu gara abbatti ol hin bane; gara obboloota koo dhaqi. Ani gara abbaakootii fi abbaa keessaniitti, gara waaqayyoo kootti fi waaqayyoo keessaniitti ol nan ba’a’ jedhi isaanitti anaaf himi!” jedhee ishee abboome. ¹⁸Ergasii Maariyaam isheen Maqdallaa dhuftee, “Ani goofticha argeera, inni dubbii kana anatti dubbateera” jettee bartootatti in himte.

20:11 “In boossi turte” jechuun yoo hiikame “iyyuu” jechuudha. (11:13 wajjin ilaali). Xumme guutuu hin taanedha. (imperfect Tense), kan yeroo darbe keessatti irra deddeebi’amee ta’e dubbata. Akkaataan boo’icha du’aa gara bahaa baayyee miiraani.

20:12 “Ergamoonni waaqayyoo lama” Yohaannisii fi Luqaas (24:23) ergamoota Waaqayyoo lama ta’uu irratti waliigalu. Maatiwoos inni yeroo hundaa waan hundumaa lamaan kaa’u (8:28; 9:27; 20:30), ergamaa Waaqayyoo tokko jedha. Kun fakkeenya garaagarummaa wangeelotaa gidduu isa hin ibsamne keessaa isa tokko dha.

Wangeeloonni yaada dhugaa ba’umsa isaa kaayyoota barsiisa dubbii waaqayyoo fi gurmuuwwan itti xiyyeeffataniif jechootaa fi hojiiwwan Yesuus filate, mijeessesse walitti qabedha. Dubbiftoonni ammayyaa yeroo baayyee gaaffii akkanaa gaafatu. Wangeelota keessaa seenaa isaatiin isa kamtu sirriidha. Yookiin (2) Barreessaa Wangeelaa hafuura geggeeffamee barreessa irra waa’ee waan sanaa yookaan barsiisichaa gadi fageenya seenichaa caalaatti barbaada. Hiiktonni duraa kan isaan barbaaduu qaban yaada barreessaa isa calqabaa wangeelota sana keessatti ifaniidha.

▣ “Uffata adii uffatanii” jiraattoonni hafuura sun uffata adii uffatanii ibsaman.

1. Uffata Yesuus yeroo ulfina isaan mul’ate- Mat. 17:2; Mar.9:3; Luq.9:29
2. Ergamoota Waaqarraa iddoo awwaalchaa turan- Mat. 28:3; Mar. 16:5; Luq. 24:4; Yoh. 20:12
3. Ergamoota yeroo ol ba’uu Yesuus – H.Er. 1:10
4. Qulqulloota isa ulfeeffame Kristoo wajjin – Mat. 3:4-5:18
5. Maanguddoota teessichatti naanna’an Mul 4:4
6. Warra dhugaa dubbii waaqayyoo qalamani teessoo waaqayyoo jala jirani- Mul. 6:11
7. Warra dhiiga hoolichaatiin miicatan hunda – Mul. 7:9,13-14, (Dan. 12:10)
8. Loltoota waaqa keessaa (ergamoota) – Mul. 19:14
9. Fakkeenya KM keessaa dhiifamuu cubbuuf- Far. 51:7; Isa. 1:18 (Fakkeenya qulqullummaa Waaqayyoo, Dan. 7:9 Wajjin ilaali).

20:14 “Yesuus ta’uu isaa hin barre” Maariyaam isheen Maqdallaa Yesuus ta’uu isaa hin hubanne. Kanaaf sababa ta’uu kan danda’u

1. Ija isheetti imimmaantu jira.

2. Dukkana keessaan gara ifaatti ilaalaa ture.
3. Mul'annan Yesuus akkaataa addaan ture. Mat. 28: 17 fi Luq. 24:16, 37 wajjin ilaali.

20:15 “Gooftaakoo” jechi kun jecha GK isa kuuros jedhudha. Akkaataan jechi kun ittii gargaaramame iddoo kanatti karaa yaada Tiyoooloojii hin ta'iiniitiin (12:21 wajjin ilaali). abbaa, abbaa qabeenyaa abbaa manaa, gooftaa jedhamuu danda'a. Maariyaam waan 1 kunuunisa iddoo biqilaa (dhaabaa) (2) abbaa iddoo dhaalaa wajjin 20:28 irratti garuu jechi kun jecha Tiyoooloojii ta'ee gargaaramame.

☐ **“Yoo”** kun hima haalee sadarkaa tokkoffaadha, karaa ilaalcha isa dubbatu dhugaatti kan ilaalamu isheen namni biraan reeficha fudhateera jette amante.

20:16 “Meerii... Rooboonii” Meerii jechumaan yoo hiikame Maariyaam jechuudha. Jechoonni kun lachanuu jecha Aramaayikiitii (“Hibriwuu jechuun Aramaayikii jechuudha. 5:2,19:13,17,20 wajjin ilaali). Yesuus akkaataa adda ta'een maqaa ishee dha'e. namoota lamaan gara Eemawus deemaa turanii wajjin yeroo kadhates waanuma kana fakkaatu godhe (Luq. 24:30-31 wajjin ilaali) “Raboonii” jechuun “Rabbi” barsiisaakoo jechuudha.

MATA DUREE ADDAA: DU'AA KA'UU ISAA BOODA MUL'ACHUU YESUUS

Du'aa ka'uu isaa mirkaneessuuf Yesuus namoota baay'eetti of mul'ise.

1. Dubartoota iddoo awwalaatti Mat. 28:9
2. Bartoota kudhatokkoonitti Mat. 28: 16
3. Siimonitti Luq. 24:34
4. Namoota Lamatti Luq. 24: 36
5. Bartootatti Luq. 24:36
6. Maariyaam ishee Maqdallaa Yoh. 20:15
7. Bartoota kudhanitti Yoh. 20:17
8. Bartoota kudha tokkotti Yoh. 20:26
9. Bartoota torbatti Yoh. 21:1
10. Keefaatti (Pheexiroos) 1Qor. 15:5
11. Warra kudha lamaanitti (ergamoota) 1Qor. 15:5
12. Obboloota 500tti 1Qor. 15:6; Mat. 28:16-17
13. Yaa'iqoobitti (Maatii isaa foonii) 1Qor. 15:7
14. Ergamoota hundaatti 1Qor. 15:7
15. Phaawuloositti 1Qor. 15:8 (Ho. Er. 9)

Kan maqaa dha'aman kun tokko tokko of mul'isuu isaa tokkichummaa agarsiisu Yesuus jiraataa ta'uu isaa akka isaan baratan barbaade.

20:17

NASB “natti rarrawwu dhaabi”
NKJV “natti hin rarra'iin”
NRSV “na hin qabiin”
TEV “na hin qabiin”
NJB “natti hin rarra'iin”

KJV “na hin qabiin” hima ajaja giddu galeessaa amme firoomsee ol ta'an wajjin jechi kun waan godhamaa jiru dhaabuu agarsiisa. Maariyaam isa qabde isatti rarra'aa jirti! Ol ba'uu Yesuus dura, isa qabuun kun akka barsiisa dubbii waaqayyootti agarsiisa addaa hin qabu. Yoh. 20:26 irratti Yesuus Toomaas akka isa qaqqabuuf eeyyameera. Mat. 28: 9 irratti immoo dubbartoonni sun miilla isaa akka qabaniif eeyyameera.

☐ **“An ammayuu gara abbaatti ol hin baane”** Himi xummaa yeroo darbaa fagoo si'aa agarsiiftuudha. Yesuus du'aa ka'uu isaa booda hamma guyyaa 40 tti gara abbaatti ol hin ba'u.

☐ **“gara obboloota koo dhaqi”** In du'aa ka'e, ulfina qabeessi sun warra sodaatoo sana “obboloota koo” jedhee waame. Mat. 12:50.

▣ **“Olan ba’a”** hima xummee ammeedha. Kun hamma guyyaa afurtama boodaatti bakka isaan jiranitti ta’etti hin taane (Luq. 24:50-52; H.Er. 1:2-3). Yohaannis cimsee yaada lame “ol” fi “gadi” jedhu gargaarame. Yesuus abbaasaarraa (uumama hundumaa dura) akkasumas abbaa isaatti deebi’a (Ulfinaan).

▣ **“gara abbaa kootii fi abbaa keessanitti”** jecha dinqisiisaa attamiiti! Haata’u malee, waanti ibsamuu qabu mucaa waaqayyoo ta’uun keenya mucaa waaqayyoo ta’uu Yesuus wajjin tokko miti. Inni mucaa waaqayyoo addaati (3:16), Waaqayyoo dhugaa fi nama dhugaa. Amantoonni karaa isa qopha’aa miseensa maatii waaqayyoo ta’u. inni gooftaa, fayyisaa obboleessas.

20:18 Maariyaamis dhuga baatuudha!

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 20:19-23

¹⁹Guyyaa jalqaba torbaniitti (gaafa sanbata guddaa) sana galgala, bartoonni Yihuudotaa waan sodaataniif, mana cufanii ta’an; Yemmus Yesuus dhufee isaan gidduu dhaabbate, “Nagaan isiniif haa ta’u!” isaaniin jedhe. ²⁰Kana erga jedhee booddee harka isaa lamaanii fi cinaacha isaa isaanitti agarsiise; bartoonnis goofticha arganii gammadan. ²¹Yesuus ammas itti deebi’ee; “nagaan isiniif haa ta’u!” isaaniin jedhe; itti fufees “Abbaan akkuma ana erge, an immoo isin nan erga” jedhee hafuura isaanitti baafatee; “Hafuura Qulqulluu fudhadhaa!” ²³Cubbuu isaanii kan isin dhiiftaniif, cubbuun isaanii isaaniif dhiifameera; cubbuu isaaniitti kan isin hin hikne; cubbuu isaaniitiin hidhamaniiru” isaaniin jedhe.

20:19 “Guyyaa sana galgala” lakkoofsi yeroo warra Jiwishii aduu boonsaan jalqabeeisaan xumura (Um. 1:5 wajjin ilaali) asitti kun haga sa’a sanbata Guddaa sa’a 6 pm ta’uu danda’a.

▣ **“guyyaa jalqaba torbanii”** sanbata guddaan guyyaa jalqaba hojii ti, akkuma guyyaa Wiixataa keenya). Guyyaan kun guyyaa walitti qabama waldoota Kiristaanaa ta’e, du’aa ka’uu Yesuus ittiin yaadachuuf. Guyyaa sanbata Guddaa sadii galagala walitti fufiinsaan bartoota isaatti mul’achuu isaatiin Yesuus guyyaa sanbata guddaa walitti qabamu dhaabe (bu’uuresse). Lak. 19,26; Luq. 24:36 kaasee; H.Er. 20:7; 1Qor. 16:2)

Amantoonni warri jalqabaa sanbata duraa mana sagadaa keessatti guyyoota ayyaanaa immoo mana qulqullummaa keessatti walitti qabamuu itti fufan. Haata’u malee, raabunoonni (barsiisonni Yihuudotaa) bara 70 booda, Yesuus Masii ta’uu isaa kan gansiisu “kaka hamaa” dhaaban. Yeroo kanatti, Amantoonni jalqabaa kun waaqeffannaa guyyaa sanbata duraa dhiisanii guyyaa sanbata guddaa, guyyaa du’aa ka’uu, du’aa ka’uu Yesuus yaadachuuf walitti qabamuu jalqaban.

▣ **“Mana cufatanii”** kana jechuun balbaloonni hundii cufamanii kan kutaa namaa isa olaanaas kan kutaa manaa isa jalaas jechuudha. Kun kan maqaa dha’ameef (1) Mul’achuu Yesuus ibsuuf 2. Inqabamna jedhanii sodaachu baratootaa.

▣ **“Bartoonni”** Toomas hin turre. Baratoota warra kudha tokkoniin ala bartoonni biraan turaniiru. (Luq. 24:33 wajjin ilaali.)

▣ **“Nagaan isiniif haa ta’u”** kun dinqifachuu isaanii, akkasumas sodaa isaanii agarsiisa. Yesuus “Nagaa” isaan abdachiisee ture. (14:27, 16:33 wajjin ilaali). Tarii kun jecha Nagaa wal gaafachuu Ibirootaa shaalom calaisiisa. Yesuus jecha kana ala 3 irra deebi’e (Lak. 19:21,26)

20:20 “harka isaa lamaanii fi cinaacha isaa isaanitti agarsiise” Yohaannis wangeelota warra kaan caalaa cinaacha Yesuus isa waraanaa irratti xiyyeeffata. (19:37; 20:25 wajjin ilaali). Miilli isaa Luq. 24:39 fi Far. 22:16 alatti maqaa hin dha’amne. Dhaqni Yesuus inni ulfina qabeessi (inni du’aa ka’uu booddee mallattoo fannifamuu isaa of irraa qaba. 1Qor. 1:23; Gal. 3:1 wajjin ilaali).

▣ **“Goofticha”** maqaan kun iddoo kanatti guutummaa barsiisa dubbii waaqayyoo (Theology) isa KM keessatti YHWH wajjin walitti dhufa (Ba’u 3:14 wajjin ilaali). Maqaa isa KM keessatti waaqayyoo abbaan ittiin waamame

Yesuusiif gargaaramuun karaa barrreessitoonni KH Waaqayyo dhugaa ta'uu Yesuus mirkaneessanii dha. Mata duree addaa 3:19 irra jiru ilaali.

20:21 “Abbaan akkuma ana erge” (17:18) wajjin ilaali. Waldaan Kiristaanaa itti gaafatama Waaqayyoo qabdi. (Mat. 28:18-20; Luq. 24:47; H.Er. 1:8 wajjin ilaali. Amantoonnis hojii ergaa wangeelaa aarsaa nama gaafatu kanaaf ergamaa jiru. (2Qor. 5:14-15; 1Yoh. 3:16)

Yesuus jecha “erguu” jedhu kana kanraa adda addaa lama dhimma itti ba’a. Wangeela Yohaannis keessatti jechoonni kun moggoyyaawa dha. Boqonnaa 8 keessatti kun mul’inaan argama. Iddoo “pempi” jechi jedhu Yesuus abbaan ergamuu mul’isutti (8:16, 18,26,29 wajjin ilaali). Apostello jechi jedhu 8:42 irratti dhimma itti ba’ameera. Boqonnaa 5,6 keessattis waan akkasitti dhimma ba’ameera. Mata duree addaa erguu(Aposllo) 5:24 irra jiru ilaali).

20:22 “Hafuura isaanitti baafate” jechi Hafuura itti baafate jedhu hiikkaa tokkoo ol qaba. Jechi Ibiroota “rvach fi Griikiin pneuma jedhamu hafuura baafachuu, qilleensa yookiin Hafuura jedhamuu danda’a. Gochimi tokkichi kun hiikkaa Macaafa KM isa Septu’eegenti jedhu keessatti hojii uumuu waaqayyoo (Uma. 7) fi deebitee jiraachifamuu Isiraa’el His 37:59 irratti dhimma itti ba’ameera. Maqadhaal “isaanitti” jedhu bartoota irra darbee gurmuu guddaa agarsiisa (Luq. 24:33 ilaali).

▣ **“Hafuura qulqulluu fudhadhaa”** jechi kun bu’uu Hafuura qulqulluu isa guyyaa Pheenxe qoosxee agarsiisuun isa amanamaa miti. Yesuus waan bartoota isaatiif abdachiise, hunda yeooma du’aa ka’uu booda itti mul’ate raawwateef. Kun Yesuus tajaajila isa haaraaf bartoota qopheessuu wajjin wal fudhata, akkuma yeroo cuuphame Hafuurri isa qopheesse.

Lakkoofsi kun waldoota bara durii keessatti falmii Hafuurri abbaa irra yookiin abbaa fi ilma irraa mada isa jedhuuf dhimma itti ba’amaa ture. Cubbuutti furuu ilmaan namootaa keessatti sadan tokkummaan waaqayyoo himaataniiru.

Barsiisa dubbii waaqayyoo (Theology) KH keessatti hiikkaa kutaa kanaa ji’orsi Laad yammuu gabaabsanii ka’an.

“Kutaan kun dhufaatii Hafuura qulqulluu isa gaafa ayyaana Pheenxe qoosxee ta’u irratti rakkoo karaa tokko yookiin karaa sadii furamu kaaasa. Yookiin Yohaannistu waa’ee Pheenxe qosxee hin beeku ture ta’a. Kanaatiif seenaa kana bakka buuse ta’a. Peenxe qosxee isa kan Yohaannis; yookiin kennaa Hafuura qulqulluu ala lamatu jira ta’a, yookiin bartootatti Hafuura baafachuun Yesuus seenaa isa abdachiifamee fi isa eegatama dhufaatii Hafuura Qulqulluu guyyaa phenxe qosxeeti.

Mill-jalee #24 (P. 1965) Macaafa qulqulluu NET jedhamu keessaa Um. 2:7 (Lxx) Yaadachiisa jechuun jabeessee hubachiisa. Akkuma jireenyi foonii inni bakkeen argamu seera Uumamaa keessatti kenname, jireenyi barabaraa immoo KH keessatti kenname kun kan xiyyeeffannaa itti kennu “Hafuura Waaqayyoo” isa jedhu His 37; waliin ilaaluun; Iddoo itti waaqayyo Gooftaan hafuura itti galchuun jireenya haaraa saba isaa fide.

20:23 “Cubbuu isaanii kan isin dhiiftanii” himi kun ta’uu fi ta’uu dhiisuu lachanu warra ergaa wangeela (hiranii) fi warra amantiin simatani jabeessa. Namni beekumsa wangeelaa qabu nama biraa ergaa isaa hiruuf filata, namnbi biraanis dhageeffatee fudhachuuf filata. Lachanuun isaanii ni barbaachisu. Lakkoofsi kun aangoo daangaa hin qabne lubaaf hin kennu, garuu dhugaa ba’umsa amanamaaf human jireenya kennu isa dirqaisiisaa dha. Abbaan kun yammuu namoonni torbaatami Yesuusiin ergaman mirkanaa’eera.

▣ **“Cubbuun isaanii isaanii dhiifameera”** himi kun dhiifama cubbuu waaqayyoon ta’u, lallaba wangeelaa keessaa argamu agarsiisa. Amantoonni banaa Mootummaa Waaqayyoo qabu. (Mat. 16:19 wajjin ilaali) yoo dhimma itti ba’an. Abdiin kun waldaa Kiristaanaaf malee nama dhuunfaaf miti. Kun akka barsiisa dubbii Waaqayyootti isa Mat. 18:18 “hidhuu fi hiikuu jedhu wajjin wal-fakkaata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 20:24-25

²⁴Bartoota gooftaa kudha lamaan keessaa Toomaas inni “Diidimoos” jedhame tokko, yommuu Yesuus dhufe bartoota wajjin hin turre. ²⁵Bartoonni warri kaanis, “Goofticha argineerra” jedhanii itti himan; inni garuu “iddoo sibiilichi ure, harka isaa lamaanitti yoon arge malee, quba koos iddoo sibiilichi ure irra yoon kaa’e malee, harka koos madaa cinaacha isaa keessa yoon kaa’e malee, hin amanu!” isaaniin iedhe.

20:24 “Bartoota gooftaa kudha lamaan keessa, Toomaas inni “Diidimos” jedhame tokko, yammuuun Yesuus dhufe bartoota wajjin hin turre.” Afaan Giriikiitti Diidimos jechuun “Lakkuu” (11:16 wajjin ilaali). Yeroo baay’ee namoonni kutaa kana Toomaas isa mamaa jedhanii waamu, garuu 11:16 yaadadhu. Toomaas Wangeela Yohaannis keessatti Wangeelota biraa caalaa mul’ata. (11:16; 14:5; 20:24; 26, 27, 28, 29; 21:21 wajjin ilaali).

20:25 “Yoon ... hin amanu” himi kun yoon argee fi harkaan qaqqabe malee hin amanu waan fedhe taanaan, hamman arguu fi qaqqabadhutti hin amanu isa jedhu cimsa. Yesuus gaaffii isaa kana in kabaje. Yesuus amantii bartoota isaati. (1) Dinqii isaan (2) Raajuu isaa. Ergaan Yesuus baay’ee haaraadha. Yeroo ergaa wangeelaa hubachuufi jireenya isaanii wajjin wal fudhachuu kenneef.

▣ **“Ure”** mata duree addaa armaa gadii ilaali

MATA DUREE ADDAA: BIFA /TUPOS/

Rakkoon jecha Giriik isa “tupos” jedhudha, akkaataa adda addaan waan dhimmi itti ba’amuuf.

1. Mooton fi Milligan, Galmee jechoota Giriiki kakuu haaraa fuula 645
 - a. akkina
 - b. baroora
 - c. bifa yookaan akkaataa barreessuu
 - d. sadarkaa
 - e. murtoo
 - f. Moodela qaama namaa akka wareegaatti waaqayyoootti in fayyisu jechamaniif aarsamu.
 - g. Gochima qajeelfama seeraa cimsuuf dhimma itti ba’amu.
2. Lovv fi Nida, Galmee jechoota Giriiki- afaan Ingiliizii *ilidii* 2, fuula 249
 - a. Godaannisa (Yoh. 20:25 ilaali)
 - b. Bifa (H. Er. 7:43 ilaali)
 - c. Akkayya (Fakkeenya) Ibirootaa 8:5 ilaali
 - d. Fakkeenya (1Qor. 10:6; Fil. 3:17)
 - e. Isa jalqaba /Fakkeenya/ Room 5:14 ilaali)
 - f. Gosa (H. Er. 23:25 ilaali)
 - g. Qabiyyee (H. Er. 23:25 ilaali)
3. Harold K. Moolton Galmee jechoota isa xinxalame kan fooyya’e fuula 411
 - a. hubannaa, ilaalcha (Yoh. 20:25)
 - b. Gad fgeenyaan waa ibsuu

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 20:30-31

²⁶Guyyaa saddeet booddees bartoonni isaa ammas walitti qabamanii mana keessa turan. Toomaasis isaani wajjin ture. Isaan mana cufatanii utuu taa’anii, Yesuus dhufee isaa gidduu dhaabbatee, “Nagaan isiniif haa ta’u!” isaaniin jedhe. ²⁷Kana booddee Toomaasiin” qubakee fidii as irra kaa’i, harkakoo lamaan ilaali, harkakee fidiitii madaa cinaacha koo keessa kaa’i, kan hin amanne hin ta’iin, kan amante ta’i malee! Jedhe.

20:26 “Guyyaa saddeet booddee” kun Ciigoo afaan Ibirootaa torbanii fi kun sanbata guddaa galgala isa kan biraadha. Yesuus kutaa manaa isa ol-aanaa keessatti bartootatti mul’ate. (mana Yohaannis Maarqos ta’a). kan inni mul’attes sanbata guddaa sadii galgala walitti aanseeti. Achitti Waaqeffannaa Kiristaanota qixxeesse (Lak. 19 ilaali).

20:27 “kan hin amanne hin ta’in kan amante ta’i malee!” jechi kun yeroo hundumaa waan jalqabee karaarra jiru tokko dhaabuu agarsiisa. Amantoonni hundumtu waan haaraa kan ta’e shakkii fi amantii wal makoo dha.

20:28 Dhuga ba’umsi Toomaas tarii akka barsiisa dubbii Waaqayyooitti lakkoofsa 17 wajjin walitti dhiyaatu ta’a. Dhuga ba’umsi Toomas yaada KM qaba. Innis lafa maqaan YHWH Elohim (kunis, Um. 2:4) waliin argamaniiti. Maqaan kun yeroo hiikamu “gooftaa koo waqayyo” Yesuus yeroo hundumaa maqaa Waaqummaa isaa mirkaneessu kan in fudhata. Boqonnaa 1:1 Wangeelli Yohaannis Waaqummaa Yesuus nama Naazireet in ibsa.

Yesuus wangeela Yohaannis keessatti waa’ee Waaqayyummaa ala baay’ee dubbate. (8:58; 210:30; 14:9; 20:28) Yohaannis Waaqummaa Yesuus ibseera. 1:1; 14-18; 5:18. barreessitoonni Macaafa qulqulluu kan biroonis Yesuus Waaqayyo akka ta’e ibsaniiru. (H.Er. 20:28; Rom. 9:5 Fil. 2:6-7; Qol. 1:15-17; 2Tes. 1:12; Titos 2:13; Ib. 1:8; 2Phex. 1:1; 11:1; 1Yoh. 5:20)

20:29 Gaalee bantuun kun hima yookaan gaaffii deebii “eeyyee” jedhu barbaaduudha. Caasaan Weer-luqa isaati ifaa miti. Kun eebba isa 7:20 (1Phex. 1:8 Wajjin ilaali) wal fakkaata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 20:30-31

³⁰Yesuus Macaafa kana keessatti kan hin caafamiin, milikkita kan biraa baay’ee bartoota isaa duratti hojjeteera. ³¹Isaan kun garuu, Yesuus kiristoosicha, ilma Waaqayyoo ta’uu isaa akka amantanif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaataniif caafaman.

20:30 Lak. 30-31 ijoo dubbii fi akeeka Wangeela Yohaannis akka ta’an ifaadha. Barreessitoonni Wangeela Hafuuraan geggeefamuun mirga fi kenna addaa Waaqayyo kenneefiin dhugoota gurguddaa waa’ee Yesuus dhaggeeffatoota isaanitti, warra Yihuudii warra Roomaa fi warra Ormaatti, qochaa fi jechoota Yesuus filanii, mijeessanii, qixeessanii fi cuunfanii dabarsuuf. K.H. Caafata seenaa fi aadaan kiristaanota itti barreeffame miti.

Kar/ F.H. Heniry, mata duree “Aboo fi Hafuuraan geggeeffame barreeffamuu Macaafa Qulqulluu, yaada kenna M/Qulqulluu kan ibisitu, jildii 1 keessatti akkas jedha.

“M/Qulqulluun toorota wantota ta’anii dhi’eessuutti hin xiyyeeffanne, seenaa umamaas ta’e waa’ee see fayyina, seenaa dhalachuu gooftaa Yesuus Kiristoos dabalatee, garuu xiyyeeffannaan barreessitoota Macaafa qulqulluu ilmaan namootaa furmaanni baadisaa ooluu fi uumam isaanii tajaajiluuf waan barbaachisu isaanii kennudha. Yoommaa barreessitoonni M/Qulqulluu badii hojii fayyisuu waaqayyoo golee adda addaa fi xiyyeeffannaa adda addaan ilaalan iyyuu, waan isaan nutti hin amanamaadhaa fi ga’aadha. Maatiwoos tarreeffama tjaajila Yesuus akkaataa barsiisaaf ta’utti mata dureedhaan qindeesse. Luqaas wantoota wangeela Maarqos keessa jiran baay’ee isaa keessaa hanbisee warra barsiisa amantii dirreeran irratti xiyyeeffachuun. (Luq. 1:4 ilaali). Yohaannis wangeela isaa keessatti bu’uura ta’an irratti yaada kennuun addaan filata (20:30,31)” fuula (27-28).

☐ “Yesuus macaafa kana keessatti kan hin caafamiin, milikita kan biraa baay’ee bartoota isaa duratti hojjeteera.”

1. Milikkitoota Yesuus dhugumaan jiraataa ta’uu mul’isa.
 - a. Madaa isaa qaqqabuu isaanii
 - b. Isaan wajjin nyaachuu isaa (Luq. 24:43 ilaali)
2. Milikkitoota addaa kan hin barreeffamiin lafa bartoonni isaa jiran kutaa manaa isa ol-aanaa irratti in godhe.
3. Agarsiisa gara hojii Yesuus (waan darbe irratti kan xiyyeeffate) Wangeela akka barreessaniif kan isaan qopheesse (Luq. 24:46-48 wajjin ilaali)

20:31

NASB, NKJV

“akka amantaniif”

TEV, NJB

NRSV

“amanuutti akka dhuftaniif”

Barreeffamoonni harkaa durii Giriicf.tokko tokko Fuula 66, X, B, fi Kutaan Giriicf.Origeeniin fayyadamame kan ibsan Yohaannis amantooti amantii akka itti fufaniif jajjabeessuu akka caafamee dha.

Barreeffami harkaa Giriicf.tokko tokko immoo (X², A, C, D, L, N, W) Yohaannis akka inni warra hin amaniiniif barreesse ibsu. UBS⁴ Yaada kana sadarkaa ‘C’ kennaaf (murteessuuf rakkisaadha). Lakkoofsi kun akeeka Wangeelichaa isa ka’amedha. Yohaannis, akkuma wangeelota warra kaanii, barreeffama qabadduu wangeelaati.

▣ **“Kiristoosicha”** kun hiikaa afaan Giriikii jecha Ibirootaa isa Mesayaa jedhuuti, jechi jechaan yommuu hiikamu isa “isa dibame” jechuu dha. Inni isa KM keessatti, Sanyii Daawwit keessaa kan ta’e qajeelummaa fida jedhamee waa’een isaa kan dubbatameedha. (11:27 wajjin ilaali).

Yesuus Nama Naazireeti (1:45) Meseyaa Yihuudotaati (11:27) kun Yesuus ta’uu kan agarsiisu jalqabuma wangeelichaati. (1:41 wajjin ilaali). Haata’u malee maqaan inni “groftaa” jedhu haala warri ormaa Yesuusiif itti fayyadamaniidha. (Rom. 10:9-13; Fil. 2:9-11)

Yaadi “nesaayaa” jedhu yaada ibsa bara dhumaa qaba. 1. Fariisotaaf eeggannaa Siyaasaa fi biyyummaati. 2. Baruuu Yihuudota isa Eppokaliipsi jedhamu keessatti immoo eeggannaa biyya lafaa fi waliigalaa qaba.

▣ **“Ilma Waaqayyoo”** maqaan kun wangeelota wal-fakkaatan (synoptic gospel) hin fayyadamamne (tarii sababa warra Ormaan garmalee hubatamuuf ta’a) Garuu Wangeela Yohaannis garuma jalqaba isaatti fayyadamame. (1:14, 34, 49 wajjin ilaali). Kun akkaataa Yohaannis cimsee walitti dhufeenya Yesuusii fi abbaa gidduu jiru hubachiisee dha. (akkaataa fayyadama jecha Giriicf.“huioos” ti) Yohaannis bakkabumsa bebbeekamamaa garaagaraa fayyadameera.

1. Aankii

2. “Tokkicha ilam isaa” (monogenes, 1:18; 3: 16; 1Yoh. 4:9 wajjin ilaali).

3. Aankii “abbaa” jedhu wajjin (20: 17 wajjin ilaali)

Mata duree addaa: Ilma Waaqayyoo 1Yoh. 3:8 irraa jiru wajjiin ilaali.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Eenyuufaatu gara iddoo awwaalaa dhaqee? Yoom? Maaliif?
2. Bartoonni maaliif du’aa ka’uu gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hin yaadne? Kan yaade tureeraa?
3. Maariyaam maaliif Yesuusiin du’aa ka’uu isaa booda hubachuu dadhabdee?
4. Maaliif Yesuus Maariyaamiin nah in qabiin jedhee?
5. Lakk. 22-23 yaada ofii keen ibsi.
6. Toomaasiin kan hin amanne (shakkaa) ittiin jechuun sirriidhaa?
7. Akka barakeenyaatti utuu hin ta’iin akka bara Yesuus biyya lafaa kanarra tureetti jecha “amanuu” jedhu ibsi?

YOHAANNIS 21

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dhiyaanna Yesuus bartoota torbaniif qabu 21:1-4	Nyaata galaana bukkee 21:1-4	21:1-3 21:4-8	Yesuus bartoota tobaniitti dhiyaate 21:1-3a 21:3b-5a 21:5b 21:6 21:7-10	Dhiyaannaa bishaan Xibariyaas irraa 21:1-3 21:4-8 21:9-14
Yesuusii fi Pheexiroos 21:15-19		21:9-14		21:15-19
Yesuusii fi kan inni jaallatu duuka-buutota isaa 21:20-23		21:15-19	Yesuusii fi Pheexiroos 21:11-14	21:20-23 Gudunfaa 2 ^{ffaa}
21:24 21:25		21:9-14 21:20-23 21:24-25	21:15a 21:15b 21:15c-16a 21:16b 21:16c-17a 21:17b 21:17c-19 Yesuusii fi bartoota kan biraa 21:20-21	21:24 21:25

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

ILAAALCHA HAALA NAANNOO KUTAA LAKKOOFSAWWAN 1-29

- A. Waa’ee boqonnaa 21 waliin marii baayyee ture kun akka dabalataatti, sababniin isaa macaafni qulqulluun 20:31 ti gara dhumaa fakkaata. Haata’u malee, barreeffamni Giriicf.kan boqonnaa 21 kana hambisu hin jiru.
- B. Lakkoofsi 25 akka dabalataatti kan inni barsiifamaa ture sababiin isaas caaffata tokko tokko keessatti Yohaannis 7:53-8:11 lakkoofsa 24 booda itti dabalame. Akkuma kana barreeffama kan warra durii keessatti jalqabumaan iyyuu keessaa hafeera.
- C. Kan yaaduu qabnu garuu wangeela Yohaannis hunda miti, boqonnaan 21 harka warra ergamootaa keessa ture ta’a. waa’ee mana qulqullummaa ishee durii gaaffii lama deebisa.
 1. Pheexiroos irra deebi’amee dubaameera?
 2. Waa’een barreeffama umurii Yohaannisoo?

QO’ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): : 21:1-3)

¹Kana booddee Yesuus ciisaa bishaan Xibaariyaas bukkeetti ammas bartootatti of mul’ise. Akka kanatti aanee jirutti of mul’ise Simoon Pheexiroos, Toomaas inni “Didimoos” jedhamu, Naatinaa’el inni qaanaa galiilaa, ilmaan Zabdiwoos, Lamas bartoota warra kaan keessaa walii wajjin turan. Yommus Simoon Pheexiroos “Ani qurxummii qabuu nan dhaqa” isaaniin jedhe, isaanis, “Nuus si wajjin hin dhaqna” jedhaniin gadi ba’aniis bidiruu yaabbatan halkan sana garuu waan tokko hin qabne.

21:1 “Bishaan Xibaariyaas” kun kan bulchiinsa warra Roomaa Magaalaa gidduutti Galiilee ti. Kanaaf bishaan kun “Bishaan Galiilee” (cf. 6:1) ykn lagaa Genesaarex” (cf. Maat. 14:34; Marq. 6:35; Luq. 5:1k) fi **OT** keessatti akka “Laga chineelez” (cf. Lakk. 34:11; keessa deebii 3:17; Iyyasuus 11:2; (2:3; 13:27; 19:35; Mootota isa duraa 15:20).

▣ **“Karaa kana ofii isaa of beeksisa”** Taatonni kun kan mul’isuuf ykn ibsuuf nu yaachisan” (cf. 1:31; 2:11; 7:4; 9:3; isa duraa Yohaannis 1:2; 2:28; 3:2; 4:9) Maatiwoos keessatti walga’iin gaara Galiilee irratti ta’ee ture (cf. 16” 32’ 28: 7, 10, 16), bakka kan “Dhuga ba’umsaa” Yesuus Yohaannis keessatti ofii isaa bishaan Xibaariyaas bukkeetti of ibse. Walitti dhufeenya kana keessatti, Yesuus waa’ee waldaa Kiristiyaanaa ishee durii gaaffii lama gaafachuu barbaade innis

1. Dhuguma Yesuus geggeessaa tureeraa?
2. Waa’een seenaa barreeffama isa Yohaannis utuu Yesuus hin darbin du’a hafuu isaa.

21:2 “Toomaas Didimosiin waamee” Waa’ee mata-duree gaarii bartoota isaan kudha tokkoo keessaa torba qurxummii qabuu deeman maqoota isicha 1:45

▣ **“Mucaa Zabadee”** kun kan Yaa’iqoob fi Yohaannis (Yohaannaan, cf. Maat. 4:21) Wangeela Yohaannis keessatti, Yaa’iqoobis ta’e Yohaannis maqaadhaan hin ibsamne.

21:3 “Simoon Pheexiroos isaaniin jedhe, ‘Qurxummii qabuun deema” yeroonsaa yeroo ammaati. Waa’ee qurxummii qabuu kana seenaa baayyeetu jira.

1. Yeroo bashannanaa ture hamma yesuus Waliga'iidhaaf beellamutti (cf. Mat. 26: 32; 28: 7, 10)
 2. Faayidaa horiitiif (horii argachuuf)
 3. Waa'ee qurxummii qabuu Yohaanniif yeroo kaka'umsaa ture.
- Boqonnaan kun Luqaas shan (5) waliin wal fakkaata.

▣ **“Kanaaf galgala sana homaa hin qabanne”** Hubadhu namoonni kun namoota fayyisuuf akkasumas afuura hamaa sana baasuuf danda'aniidha, humna nama ajaa'ibsiisu faayidaa kamirratti iyyuu hin qaban. Yeroon kun yeroo itti qurxummii qaban miti. NT keessatti yeroo baay'ee yeroo itti namoota hidhan ture.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 21:4-8

“Garuu amma yeroon gaafa ga’u, Yesuus ilmoo harree yaabbate; hanga ammaatti duuka buutonnisaa isa hin hubanne⁵ Kanaaf Yesuus akkas isaaniin jedhe “Ijoollee qurxummii hin qabdani, qabdu?” Isaan deebi’anii “Lakki”⁶ Innis isaaniin jedhe “kiyyoo keessan gara mirgaa kara bidiruun jiruun darbadha yoos qurxummii ni qabattuu” Kanaaf hin darbatan achumaan baayyina qurxummii irraa kan ka’e baasu hin dandeessan⁷ Kanaaf bartoota keessaa inni Yesuus jaallatu Pheexiroosiin akkas jedhe, “Inni Waaqayyoodha” kanaaf Simoon Pheexiroos Gooftaa ta’uusaa gaafa dhaga’u, uffata isaa kaawwate (sababa hojiif jedhee qullaa jiruuf) achumaan bishaan keessa of buuse. Garuu bartoonni warri kan biraan warri gara bidiruu ishee xiqqoo keessaa dhufan sababa lafa irraa fagoo hin jirreef garuu qurxummii danuu qabatani.

21:4 “Hanga ammaatti bartoonni hin beekan Yesuus ta’usaa” Akka kanatti yaadonni baayyeen turaniiru, dandeettiin akka itti Yesuus ta’usaa adda baasu kan dhowwu.

1. Dukkana ture
2. Fagoo ture
3. Dadhabaniiru
4. Yesuus yeroo adda addaatti nama adda addaa fakkaachuu. (cf. Yohaannis 21:12; Maat. 28: 1617; Luqaas 24: 13ff)
5. Iji isaanii akka isa hin argineef ittifamee ture (cf. Luq. 24:16)

21:5 “Ijoollee” kun dubbii haalaatiin ture. Waa’ee ijoollota xixiqqoo waa lamatu jira. Kan NT keessatti fayyadamu. Inni kun)paidion) xiqqaa garagaarummaa waliin kan (teknion) Yohaanniif ergaa Yohaannis isa duraa keessatti fayyadamu. Jechi kun kan argamu Macaafa qulqulluu 4:49; 56:21 fi asi. Jechoonni kun tokkoffaa Yohaannis, paidion 2:13 keessa, garuu teknion 2:1, 12.28 keessatti.

▣ **“Inni qurxummii wayyu hin qabdan”** jechi kun “Qurxummii” (prosphaagionl) kan inni argisiisu waantota nyaatamu ykn gosa nyaataa kan daabbootti nyaatamudha, garuu akka hiikaa kanaatti, “Qurxummiin” baayyee gati jabeessa. Gaaffiin kun deebii “Lakki”

21:6 Yesuus akkaataa wal fakkaatuun deddeebi’aa ture akka hojii isaa isa jalqaba isaan waametti, Luq. 5:1-11. Akka amala keewwata (ilaali barreeffamatti V.55) jechoota Giriicf.lamatu jira, fayyadama bidiruutiif, plaion VV. 3 keessatti VV. 6 ploiaaron (bidiruu xiqqaa) V. 8 keessatti. Yesuus barreeffama isaa agarsiiseera. Keewwata keessatti yeroo baay’ee

21:7 “Kanaaf duuka buutuu inni Gooftaan jaallate” kun barreessituun Macaafa qulqulluu, ergaa Yohaannis (cf. 13: 23; 20: 2, 3, 8: 21: 20) Yohaannis macaafa keessatti maqaan isaa dha’ame hin jiru gonkuma.

▣

NASB	“Uffata isaa isa irra keessaa kaawwate (Sababa qullaa tureef)
NKJV	“Uffata kaawwate (ofittii waan baaseef).
NRSV	“Uffata isa tokko-tokko kaawwate, sababa qullaa tureef”
TEV	“Uffata isaa ofitti mare (Sababa hin fudhatiniif).
NJB	“Pheexiroos uffata isaa ofitti hidhe (Sababa Wayyaa ofirraa hin qabneef)

Jaarraa jalqabaa namoonni Palastaayin dirriba uffataa fi uffata dhedheeraa uffatu. Pheexiroos uffata isaa isa jalaa ofittii baasee gara mudhii isaatti gadi bute (marate).

▣ **“Inni Waaqayyoodha”** jechi kunios jedhamu afaan warra Giriik jechi “Mister” (obbo) Pkn “Sir” (obbo), “Master” (barsiisaa), “owner” (dhuunfata/tu) “lord” (waaq). Hiika kan biraa keessatti salphaadhumatti hiikaan isaa iddoo ulfina qabeessa, garuu akka biraatti cimsuu wangeela Gooftaatti amanuuf. Akka hiika kanaatti namoonni qurxummii qabdoonni nama ilmoo harree irra ta’u kana erga hubatanii kabajaniiru, Gaafota du’aa ka’e jedhaniiru.

Hiikaan jalqabaa kan inni dhufe faayidaa OT ti, bakka YHWH akka waaqaatti hiikameedha. Kunkan ture sababa namoonni Juish maqaa gaarii kana akka inni waaqa ta’e (waaqeffamu) beeksisuu sodaatan, kanaaf jecha Hibirew bakka buusan inni “Adoonai” kan kuurios waliin wal qabate. Mata duree gaarii ilaali 3:19.

Maqaan Waaqayyoo maqaa hundumaarraa caalu kan waaqeffamuudha. Filiphisiyoos 2:9-11. Gosa waldaa warra cuuphaa ishee duriiti “Yesuus Gooftaadha” (cf. Room. 10:9-13)

21:8 “duuka buutota kan biraa” Namoonni achi keessa jiran adduma addaan Pheexiroosiif Yohaannis duukaa qurxummii qabu deeman kaayyoon isaas horii argachuuf (dubartoonni Gooftaatti of gatanii duukaa deemu turan hin turre).

▣ **“qurxummii kiyyoo guutuu”** yeroo boodatti hafe kanatti Yesuus ammayyuu:-

1. Amantii saanii ijaaruu
2. Waan isaan barbaachisu dhiyeessuu.
3. Du’aa ka’uu isaaf aangoo isaa cimsuu (dhaloota irratti).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 21:9-14

⁹kanaaf gaafa gara lafaatti bahan barbaadaa ibiddaa qurxummiin irra ka’amte fi daabboon argan. ¹⁰Yesuus isaaniin jedhee “qurxummii amma qabdan yartuushee fidaa” ¹¹Simoon Pheexiroos deeme kiyyoo qurxummii guutuu qabu kan 153 keessa guute garuu kiyyichi hin tarsee.¹² Yesuus “kottaa nyaata nyadhaa” gaaffii isa kanaaf nama ija jabaate hin turre “Eenyu isin?” waaqa ta’uu isaa beekaa. ¹³ Yesuus dhufee buddeena fuudhee isaaniif kenne akkasumas qurxummiis kenneef ¹⁴ kun amma guyyaa sadaffaadha Yesuus kan bartootatti of ibse, erga du’aa ke’ee.

21:9 “boba’aa ibiddaa kan qurxummii fi daabboon irra jiru” Faayidaan nyaata ganamaa kan tureef waaqeffachuuf wangeela labsuudha. Wangeelchis kan mul’isu.

1. Iddoon kun mormii Pheexiroos bakka ibiddaa kan biraaf qabu (cf. 18:18) jechi kun asiif achitti argama.
2. Macaafni Yohaannis fi ergaa Yohaannis isa duraa kan barreeffame warra Yesuus mormani irratti lola banuuf. Yesuus isaan wajjin nyaate.

21:10 Jechoota adda addaa lamatu keewwata kana keessatti argama. Waa’ee qurxummii:- (1) **W**. Keessa. 9, 10, fi 13 jechichi Ospaarion, kana jechuun qurxummii xinnoo fi (2) **VV** keessatti 6, 8 fi 11 jechichis ichthus, kana jechuun qurxummii guddaa Akka hiika kanaatti bakka wal jijjiirani fayyaduu danda’u.

21:11 “dhibba tokkoof shantamii sadii” akka galmaatti (hiikaatti) fakkeenya maalummaa lakkoobsa kanaa bakka bu’u hin jiru. Salphaadhumatti gadi fageenya ijaati. Haata’u malee, waldaa ishee kallattiin alaa yaada wal-fakkaatu lakkoobsa hundaa fi gadi fageenya dubbii kanaa maalummaaf.

1. Cyril akkas jedhe dhibbi tokko Gentile fi shantamni Juish akkasumas sadii immoo Triintiif.
2. Augustine akka lakkoobsa kun abboommii kuman fi kennaa torban hafuura qulqulluun kenne, kan lakkoobsa kudha torbanii wal fixa ta’e. Yo lakkoobsa kana walitti idaate 1.2.3.4 through 17 lakkoobsa 153 argatta. Augustine lakkoobsi kun walitti idaa’ama gara Yesuus kan dhufe karaa seeraaf eebbaa.
3. Jeeroome qurxummii gosa adda addaa 153 tu jira jedha, kanaafuu kun mallattoo ittiin sabni hindu gara gooftaa dhufeedha. Hiikaan fakkeenya kun hiikkaa haasaa dandeettii isa hiikuu fi kaayyoo barreessichaa isa jalqabaa kan hin taanedha.

▣ **“Qurxummiin hammam yoo guute iyyuu, kiyyichi hin tarsee”** kun ija keenya kan argine ykn kan nama dinqudha.

21:14 “Kun amma yeroo sadaffaadha. Yesuus bartootatti of mul’isuunsaa” kun kan ilaallatu keewwata 20 isa kanatti dabalameedha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 21:15-19

¹⁵kanaaf ergaa nyaata fixanii, Yesuus Simoon Pheexiroosiin jedhee “Simoon, mucaa Yohaannis, najaallattaa kana caalaa?” ¹⁶isaan akkas jedhe, “eeyyee, waaqayyo; beekta akkan si jaalladhu;” ilmoolee koo eegi” Innis isaan jedhee yeroo lammataa, “Simoon mucaa Yohaannis na jaallattaa?” jedheen “eeyyee, waaqayyoo; atuu beekta akkan si jaalladhu” isaan jedhe, “Hoolota koo tiksi”. ¹⁷Innis yeroo sadaffaa isaan jedhe, “Najaallattaa?” innis isaan jedhe, “waaqayyo, waan hundumaa beekta; akkan si jaalladhu beekta” Yesuus isaan jedhe “Hoolota koo eegi. ¹⁸Dhuguma, dhuguman siin jedha yeroo dargaggeessa turte, nama ofiisaa rakkisaa turee fi bakka barbaadde nama dhaqu turte, garuu amma erga guddattee, harka kee diriirsitee nama kan baraaatu si rakkisa akkasumas lafati hin barbaannetti si oofa”. Amma garuu maalummaan du’aa adda baheera waaqayyoonis galateeffateera. Yeroon kana dubbatu, inni isaan jedhee, “Naduukaa bu’i”

21:15 “Simoon mucaa Yohaannis” Hubadhu Yesuus akka isa hin waamne “Simoon Pheexiroos” namni kun waan tokko iyyuu miti garuu dhugaadha! Fakkiin adda addaa ykn barreeffamni kan maqaa abbaa Simoon wal-hidhatu tureera.

1. Yohan. – \aleph^1 ; B, C*, D, LW
2. Yona – A, C²
3. Hafuu - \aleph^*

USB⁴ kan kennu beekamaadha #1 a “B” ramaddiin (waliigala beekamaadha) Hordoffii 1:42 (P⁶⁶, P⁷², X, B*, L, W).

▣ “jaalala ... Jaalala ... Jaalala” wanti beekamaan dacha sadii deddeebi’ee dacha’e tureera. Kun kan Pheexiroos dachaalee mormii isaa kan mul’isu dallaa keessatti (kan Luba ol aanaa) (cf. 18: 17, 25, 27) kutaa kana keessatti waantonni waliin morman turaniiru (waliin deeman)

1. Jaalala (*phileō* fi Jaalala (*agapaō*))
2. Beeku (ginosko) fi Beeku (Oida).

Waliin dubbii baayyeen tureera, waantonni barreeffaman kun akka isaan og-barruu ykn kan wal-faallessan (Jecha wal-faallessan) ta’uu isaanii. Yohaannis gosa adda addaa fayyadame, caalaadhumatti keewwata kana keessatti (Jechoota lama “Ijoolleef” “bidiruu” fi “Qurxummii”). Akka hiika kanaatti gargaaramummaan waan jiru fakkaata jechoota Giriicf.agapao fi phileo gidduutti garu kun dhiibamu hin danda’u sababa isaa akka kan Giriikitti jecha wal-fakkaatanidha (cf. 3: 35; 5:20: 11:3, 5).

▣ “Najaallattaa kana caalaa” Himni kun akka gaaffichaatti wal-xaxaadha. Namoonni hiikaa adda addaa itti kennu:

1. Qurxummii qabuu akka ogummaa addaatti.
2. Jecha Pheexiroos yeroo darbe jedhu jaalala Yesuus duuka buutota warra kaan caalaa (cf. Maat. 26: 33; Maarqos 14: 29 fi Yohaannis 13: 37).
3. Inni jalqabaa gargaaraa hundaa ta’uu qaba (cf. Luqa. 9:46-48 ; 22: 24-27)

▣ “Ilmoolee koo eegi” kun gaaffii raawwataa yeroo ammaati. Himoonni kun sadan ulaagaa afaannii wal-fakkaataa qabu. (cf. VV 16 fi 17). Garuu addaddummaa jechootaa xiqqoo qabu. (Hoolotakoo tiksi fi Hoolota koo eegi).

21:17 “Waaqayyo (Gooftaa), ati hundumaa beekta” Pheexiroos akka jarjree hin haasofneef barataa jira. Wangeela gaarii labsa (cf. 2: 25; 6: 61, 64; 13: 11; 16:30).

▣ “Akkan si jaalladhu atu beekta” jecha Giriik keessatti jijjiiramani “beeku” gidduu V.16 (Qida) fi V.17 (oida fi ginoko). Sababaa sirriin isaa hin beekamu akkamsumas garaagara ta’uu danda’a tarii.

21:18 “Harkakee diriirsi” kun tarii tooftaa fayyadama ciigoo ta’uu danda’a. (1) Waldaa ishee durii (jalqabaa) fi (2) Og-barruu warra Giriik keessatti “Fannoodhaaf”.

21:19 “Akaakuu (Gosa) du’aa isa Waaqayyoon galateeffachiisu mul’isi” Ejjennoo aadaa durii isa Pheexiroos fannifame du’a ykn mataa isaa gadi gala galchaniif fannisan. Seenaa lubaa keessatti, V. 3:1, Eusebius, “Pheexiroos lallaba akka Pontius, Galaatia, Bithynia, cappadocia, fi Asia Jewish Diaspora keessatti lallaba amantaa ture. Roomaa deemuudhaan akka gaaffii isaatti fannifamuu” caqasi barreeffama 1:14.

☐ **“Naduukaa bu’aa”** kun gaaffii raawwataa yeroo ammaati, akka V.22 ti. Kun haarominaa fi Cimina Pheexiroos bulchiisaaf waamame waliin wal-hidhata (cf. Maat. 4:19-20).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 21:20-23

²⁰Pheexiroos gara galee bartuu isa Yesuus hin jaallata ture isaan duuka utuu dhufuu hin arge. Bartuun kun isa irbaata irratti isatti jedhee “Goofaa eenyu inni dabarsee si kennuuf jedhuu?” jedhee gaafateedha. Pheexiroos yommu isa arge Yesuusiin “Gooftaa inni kun immoo attam ta’a?” jedhe. Yesuus immoo “Hamman dhufutti akkanni jiraatuuf yoon barbaade maaltu sidhibe? Atumti ana duukaa bu’i!” jedhee. Achumaan oduun “Bartuun kun hin du’u” jedhu obboloota keessatti odeeffame, yesuus garuu “Hamma ani dhufutti akka inni jiraatuuf yoon barbaadee maaltu sidhiben jedhe malee “Ani hin du’u” hin jenne.

21:20 “Bartuu isa Gooftaan jaallatu” kun kan ilaallatu itti gaafatamummaa 13:25 keessatti argamuudha. Waanti inni waan (haala) dhoksaa kana keessatti shuumameef hin beekamu. (cf. 13:23; 19: 26; 2; 21:7; 20). Yaadonni kana irratti ka’amanis

1. Waantonni Yihuudonni jaarraa fagoo keessa barreessan namni barreesse sun maqaan isaa hin caqafamne.
2. Yohaannis yeroo Yesuus duukaa bu’e dargaggeessa waan tureef
3. Yohaannis ergama tokkoffaa kan yeroo Yesuus ilaalama tureef yeroo fannifamusaa kan wajjin tureedha.

21:22 “Yesuusis hamma ani dhufutti akkanni turuuf yoon barbaadeef, maaltu isin galche” kun haala himaa gosa sadaffaa Nuyi dirqama waanti yaadachuu qabnu, kennaa isa nuuf kennamee waliin akka deemnu (hojjennu) fi bulchiinsaa fi akkasumas nuti isa waaqayyo warra kaaniif godhe (saganteesse) ti dhimma akka hin qabne yaadachuu qabna!. Sababni keewwata 21 dabalamuusaatiif hubannaa malee gaaffii turaniif dhimmoota kana irratti deebii deebisuudha. Ifatti jette jetteen (haasaan) duraa turaniiru waa’ee Yohaannis hamma lammata deebi’ee dhufuusaatti jiraachuu barbaadeef cf. 14: 23; I Yohaannis 3:2).

☐ **“Naduukaa bu’i”** kun walumaagala afeerraa namummaa ergaa Yohaannis gara xumuraatti fida. (cf. 1: 43; 10: 27; 12:26; 21:19, 22). Kun kan ibsa hubannaa namni macaafa qulqulluuf qabu ibsa, yeroo “Amanaa” qabiyyee hubannaa Wangeelaati.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 21:24

²⁴Inni dubbii kanaaf dhugaa ba’u, kan kana hundumaa caafes bartuudhuma kana nus akka dhugaansaa amanamaa ta’e hin beekan.

21:24 “Kana hundumaa kan caafe” kun kan inni ilaallatu (1) VV. 20-23: (2) boqonnaa 21; ykn (3) hunda macaafa qulqulluuti? Deebiinsaa hin beekamu.

☐ **“Nuyi akka ragaan kun dhugaa ta’e hin beekna”** Tuuti (gareen) adda ba’ee kan bakka maqaa “Nuyi” jedhu kun hin beekamu. Kan biroon hin beekama cimsuu dhugaa wangeela Yohaannis keessatti akka isaan ifaa jiran. Kun tarii Maanguddoota Efeesoon ta’uu danda’a. kun bakka Yohaannis jiraachaa turee fi Bulchaa ture akkasumas lafa inni itti du’e dha. Ejjennoon durii Efeesoon akka Yohaannis macaafa qulqulluu kan ofii isaa barreessuuf amansiisuuf yaalaa ture dha. Kunis sababni isaa du’uu ergamtootaa fi namoonni Yesuusiin morman baay’achaa waan deemaniifidha. Mata duree Gaarii ilaali Ragaa Yesuusiif 1:8.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 21: 25

²¹Kana malees, kan biraa Yesuus kan hojjette waan baay'ettu jira; hundumti isaanii tokko tokkoon utuu caafamanii biyyi lafaa macaafota isaan itti caafaman fudhachuu hin danda'u natti fakkaata.

21:25 Lakkoofsa 25 irratti waa'ee sababa lamaaf falmiin tureera. (1) barreeffama baay'ee keessatti Yohaannis 7:53-8:11 lakkoofsa 24 fi 25 (2) Giddu gala, barreeffama sinaiticus (X) wantota harkaan barreeffaman baayyachaa turan jifaara adda addaa irraa balleessee booda V.25 keessa galchee kun meeshaa altraa-violeetiidhaan bakka hambaan aadaa Biritiish itti kuufame keessatti daawwatamaa ture. Lakkoofsi kun kan inni nu hubachiisu isa barreessitoonni Wangeelaa galmeessaa turanitti fo'amoo ta'uu isaa agarsiisudha.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Attamitti Yohaannis 21, Luqaas 5 waliin wal fakkaataa?
2. Maaliif duuka-buutonni isa dafanii yesuusiin hin hubannee?
3. Bartuu inni Gooftaan jaallatu isa kamii?
4. Maaliif Yesuus Pheexiroosiin yeroo sadii gaafatee jaalala inni isaaf qabu ilaalchisee?
5. Ejjennoon Yesuus maaliif hanga deebi'ee dhufutti Yohaannisiin akka achi jiraatuuf.
6. Lakkoofsi 24 eenyuun ilaallataa?
7. Lakkoofsi 25 isa jalqabaatii?

ERGAA YOHAANNIS 1

SEENSA ERGAA YOHAANNIS ISA DURAA

ADDA TA'UU KITAABICHAA

- A. Macaafni ergaa Yohaannis isa duraa kun xalayaa nama dhuunfaa ykn xalayaa Waldaa Kirisitaanaa akka isheen akka “waajira irraa qaama Bulchiinsa ol’aanaa” (Xalayaa jaalalaa) miti.
1. Seenaa Boodatti hafa hin qabu (eenyuu irraa eenyuutti)
 2. Xalayaa nagaa wal gaafachuu ykn kan dhuma cufiinsaa hin qabu. (nadhaa dhumaa)
- B. Maqaan namaa as keessatti ibsamee hin jiru. Kun wanta guddaa kan eegamne Macaafa keessatti caafamee waldoota baay’eef kan barreeffame kan hin jirredha, isaanis Efeesoonii fi Macaafni MT kan maqaa barreessaa of keessatti hin ibsine macaafa Ibirootaati. Haata’u malee, ergaan Yohaannis isa duraa kun kan inni barreeffameef rakkoo waldaa keessa jirtu kan akka Barsiisota sobaa.
- C. Xalayaan kun humna kan qabu waliigaltee Macaafa qulqulluuti.
1. Giddu galeessummaa Yesuus
 - a. Waaqa guutuu fi nama guutuu
 - b. Fayyina Yesuusitti amanamuudhaan dhufe, muuxannoo ykn beekumsa dhoksa (barsiisaa sobaatiin) kan dhufe miti.
 2. Barbaachisummaan akkaataa jireenya kiristaanotaa (qorumsa sadii kan kiristaana dhugaa)
 - a. Jaalala obbolummaa
 - b. Abboomamuu
 - c. Kufaatii mala (tooftaa) addunyaatiin mormuu
 3. Yesuus nama biyya Naazireetitti amanamummaadhaan jireenya bara baraa qabaachuu (“beekuu” yeroo 27 kan fayyade)
 4. Akkamittiin barsiisota sobduu beekuu (adda basuu)
- D. Barreeffama Yohaannis (caalaatti ergaa Yohaannis isa duraa) baay’ee wal xaxaa kan **koin** Giriik kam iyyuu barreessaa MT, dhugaa beeku gadi fageenyaa fi jireenya bara baraa waaqayyo Yesuus Kiristoos keessatti (jechuun, waaqayyo ifa 1:5; waaqayyo jaalala, 4:8, 16; Waaqayyo Hafuura, Yoh. 4:24).
- E. Ergaan Yohaannis I kun Wangeela Yohaannisiif Macaafa (barreeffamaa maramaadha). Mormitoonni jaarraa jalqabaa kitaaba lachuutiif bu’uura isa tolcheera. Wangeelli dhiibbaa dhuga bu’aumsaa qaba, Yohaannis I amantootaaf barreeffame (Jechi
Namoonni yaada kennaan ammas ejjennoo isaanii waaqummaa Yesuusiif cimsataniiru, garuu ergaan Yohaannis eenyummaa isaa cimsateera. Macaafonni (wangeelonni) kun waliin deemu.
- F. Yohaannis wantota gurraachaa fi adiidhaan fayyadamee barreessaa ture. Kun amala maraa galaanaa fi raajii sobdootaati. Caasaaleen ergaa Yohaannis isa duraa barruuleen karaa lama fayyadaman kun gama lachanu (ifa fi dukkana) fi og-barruu (hima ala ta’a kan hima wal-ta’a wajjin deemu tokko). Kun wangeela Yohaannis irraa adda (kana gochuun Yesuus iddoo Gaararra, ilaan namaa ol ta’ee ilmi namaa iddoo gajjallaa akka jiru).
- G. Waa’ee ergaa Yohaannis isa duraa kana ibsuun baay’ee rakkisaadha. Sababiin isaas isa Yohaannis yeroo mara fayyadamuuf kitaabni kun afaa dhugaa kan jirbii irraa hojjeta. (cf. Bill Hendricks, Tapestries of truth (afaad dhugaa, xalayaa Yohaannis).

BARREESSAA

- A. Waliin barreessitoonni ergaa Yohaannis isa duraa kun garee waliin falmii waliin barreessitoota kuusaa barreeffamaa Yohaannis Wangeela, isa duraa Yohaannis, lammaffaa Yohaannis, sadaffaa Yohaannisi fi mul’ata.

B. Bakka beekamaa lamatu jira.

1. Traditional

- a. Waliigaltee dura (akka aadaa) ti abbaa manaa waldaa ishee durii isa Yohaannis, ergamoota jaallatamoota, barreessaa ergaa Yohaannis isa duraa turan.
 - b. Gudunfaa ragaa waldaa ishee durii
 - (1) Dhiifama warra Roomaa (A.D.go) eeruu ergaa Yohaannis isa duraati.
 - (2) Waldhabdee baay'ee Smyrnaa, Filiphisiyuus 7 (A.O.110-140) ergaan Yohaannis irraa deebi'ee caqasee jira.
 - (3) Waliin haasaa Justiin Martyr. 123:9 (A.D.150-160) ergaa Yohaannis isa duraa irraa deebi'ee caqasa.
 - (4) Dhiifamni ergaa Yohaannis isa duraa kan godhame barreeffama:-
 - a. Igatius Antiochi (guyyaan barreeffama kanaa ittiin beekamu garuu bara durii keessa A.D.100)
 - b. Papias Hierapolis (kan dhalate giddu-galeessa A.D. 50-60 fi Murtyred A.D.555)
 - (5) Irenaew 1 Yohs (A.D. 130-202/ ergaa Yohaannis isa duraa kana kan ergaa Yohaannisiif kennu. Tertallian, kan dura dhiifama gochisiisu kan kitaaba 50 kan sanyii lakkaa'an ykn saba adda addaa warra uumaniin kan mormu fi akkasumas ergaa Yohaannis isa duraa kana of keessatti kan hammatu kan barreessedha.
 - (6) Barreeffamni durii kan biraan kan barreessitoota gara Yohaannisitti barreessan caaffata (Wangeela) kan akka: Klement, Origen, fi Dionysius, isaan Alexandarian sadan hundi, caccabaa muratorianotaa (A.D.180-200), fi Eusebius (Jarraa sadaffaa)
 - (7) Jeeroomee (walakkeessa Lammaffaa Jarraa araffaa) kan barreessitoota Yohaannis ta'uu isaa mirkaneessanii garuu akka inni namoota warra kaaniin guyyaa isaatt mormamaa ture kan amanan.
 - (8) Theodore Mapsuestia, Abuni Antiocho A.D 392-428 irraa, kan barreessitoota Yohaannisiin morman.
 - c. Yoo Yohaannis, waanti nuyi beeknu waa'ee Yohaannis Wangeelaa?
 - (1) Inni mucaa Zebedee fi saalomee ture.
 - (2) Inni obboleessa isaa waliin bishaan Galiile fi qurxummii qabaa ture James (bidiruu, handa kan ofii isaa godhate).
 - (3) Isaan kaan haati isaa obboleettii Maariyaam jedhu, haadha Yesuus (cf. Yoh. 19: 25; Mark. 15:20)
 - (4) Ifaatti inni Sooreessa ture sababiin isaas:-
 - (a) Hojjettoota qacaree qaba (cf. Maarqos 1:20)
 - (b) Jalbaa baayyee qaba.
 - (c) Mana Yerusaalem keessaa qaba. (cf. Maat. 20:20)
 - (5) Yohaannis mala argate luboota Yerusaalem bukkeetti, kan inni nama beekamaa ta'uusaa (turuu) isaa beeksisu. (cf. Yohaa. 18:15-16)
 - (6) Innichi Maariyaam haadha Gooftaa gargaaraa ture sun Yohaannisiin ture. Kan yakkame.
 - d. Waldaan isheen durii waliigalteedhaan dhugaa ba'aa turte akka Yohaannis duuka buutota biraa irraa waggaa dheeraa jiraate akkasumas, du'a Maariyaam booda akka inni gara biyya Ashiixiqqaa, Efeesoon keessa buufate, Magaalaa guddoo naannoo Magaalaa kanatti gara biyya paatmoositti gurgurame (qarqara galaanaa) kana booda gadidhiifamee gara biyya Efeesonitti deebi'e (Eusebius jechoota polycarp ibse (barreesse akkasumas kan papias fi Irenaeus).
2. Gargaarsa Ammayyaa
- a. Gargaarsi ammayyaa baayyeensaa wal-fakkii barreeffama *Yohaannan* kan ibsu caalaadhumatti himatoota, hiika jechootaa, fi saayinsii isaa ti. Fakkeenyi gaariin kanaa waanti wal-faallessu rakkisaan kan barreeffama kana amaleessu: jireenyaaf du'a, dhugaa fi soba. Kanneen waantonna rakkisoo *dichotomy* muraasin kun barreeffama kan biroo keessattis mullachuu danda'u; galaan gogee maramee fi kan reefuu jalqabuuf jedhu (waan ganaa jalqaba irra jiru).
 - b. Yaadonna baay'een turaniiru waa'ee walitti dhufeenya keessaa kitaabota shanan Yohaannisiif ibsaman gidduu jiru. Ejjennoon garee barreessitootaa nama tokkoof, nama lamaaf, nama sadiif kkf. Amanamaa kan fakkaatu garuu barreeffami Yohaannis kun yaada nama tokkooti isa jedhuudha. Tarii yaada nama tokkoo ta'e bartoota isaa adda addaan kan barreeffame.

- c. Akka amantaa kootti, jaarsicha umurii dheeraa, Yohaannistu, tajaajila isaa gara xumura jala Efesoon ta'ee Macaafota shananuu barreesse.
3. Dubiin taayitaa dubbii akkaataa hiikaatii, waa'ee mul'ataa miti. Guutummaa guutuutti barreessaan sagalee Waaqayyoo Waaqayyodha!

Bara barreeffame - Kunis Yaada nama barreessee wajjin kan wal qabatedha.

- A. Yohaannis ergamaatu ergaawwan kana barreesse yoo ta'e, keessumattuu ergaa isa duraa, kan nuti dubbannu bara gara xumuraa jaarraa tokkoffaati jechuudha. Kun guddina tooftaa barsiisa sobaa fi falaasummaa warra Noostikiif yeroo kennaa, akkasumas jecha ergaa Yohaannis isa duraa ("ijoolota") jedhu, jaarsi nama guddaan, gormuu amantoota ijoollotaatti dubbatu fakkaata. Yeerom akka jedhutti Yohaannis fannifamuu Yesuus booda, waggoota 68 jiraate. Kunis yaada amma garrarratti dubbanne wajjin waliigala.
- B. A.T Roobertsan akka yaadanitti ergaan Yohaannis inni duraa dhaloota Kiristoos booda bara 85-95 gidduutti kan barreeffame yemmuu ta'u wangeelli Yohaannis immoo dhaloota Kiristoos booda bara 95 tti barreeffame.
- C. I. Hawaard Maarshaal "*New International Commentary Series*" ergaa Yohaannis isa duraa irratti barri ergaan kun barreeffame dhaloota Kiristoos booda bara 60-100 gidduutti barreeffame jechuun ibsu. Kunis yaada beektota macaafa qulqulluu ammayyaa Macaafota Yohaannisiif tilmaamanii wajjin walitti dhiyaata jedhau.

WARRA ERGICHI CAAFAMEEF

- A. Akka aadaatti ergaawwan kun kan barreeffamaniif kutaa bulchiinsa biyya Roomaa Ashiyaa xiqqoo (dhiha Turkii), ishee Efeson magaalaa gudditti taateefiif.
- B. Gormuu waldaa kiristaanaa biyya Ashiyaa xiyyaa keessaa, warra rakkoo garaa garaa barsiisota sobaa arganiif (akkuma Qolaasaayisii fi Efeesoon) Addummatti.
1. Noostikoota doseetik warra nama dhugaa ta'uu Yesuus gananii, Waaqummaa isaa qophaa amanan.
 2. Noostikoota Antinoomyaan warra barsiisa dubbii waaqayyoo sakkoo/safuu irraa adda baasu.
- C. Dgaasfiin (jaarrra Arfaafaati) Pershiyaanotaaf (Baabiloon) barreeffame jedha. Kasiyodirasiis (jaarrra 6^{ffaa} gara jalqabaa) yaada kana hordofe yaadi kun tarii kan dhufe aada walmakaa gaalee isa "haadha warraa ishee fo'atamte" fi gaalee isa "waldaa akkumkeessan fo'atamtee Baabiloon keessa jirtu" kan jedhu 1Phe. 5: 13 fi 2Yoh. 1 irra isa jiru.
- D. Akka kaanonii KH isa dhaloota Kiristoos booda (180-200) Room keessatti barreeffameetti, cicitaa (fragment) muraatoriyaanitti, ergaan kun kan barreeffame, ergaa bartoota isaa fi phaaphaasota cimsee gorse booda (warra Eshiyaa xinnoo keessaa).

BARSIISA SOBAA

- A. Ergichi ofiimasaatiif barsiisa sobaan mormuuf kan barreeffamedha. ("... jennee ..." 1:6 fi isa booda lakkoofsa jiran," ... jecha ..." 2: 9; 4: 2 [qeeqannoo jabaa dheeraa aariin keessa jiru kan haasaa/barreeffama irratti mul'atu]
- B. Ragaalee keessa 1 Yohaannis isa duraa keessa jiruun bu'uura barsiisa sobaa namoonni baay'een duukaa bu'an in barra.
1. Nama dhugaa ta'uu Yesuus Kiristoos ganuu
 2. Fayyina keessatti giddu galeessa ta'uu Yesuus Kiristoos ganuu
 3. Hir'ina adeemsa jireenya kiristaanummaa ga'aa ta'ee
 4. Beekumsa (iciitii) irratti xiyyeeffachuu

5. Yaada addaa adda ba'uu

C. Akkaataa teessuma jaarraa 1^{ffaa}

Jireenyi biyya Roomaa jaarraa 1^{ffaa} yeroo yaada mantii Bahaa fi Dhiha gidduu filatanidha. Waaqayyolii warra Giriikii fi waaqayyoolii warra Roomaa gidduu waliin morkiitu jira waan walitti dhufeenya waaqayyolii fi beekumsa iciitii irratti xiyyeeffataniif waaqqeffannaan iciitii baayyee beekamoo turan. Falaasummaan Giriikiis beekamaa fi ilaalcha biyya lafaa addaa wajjin kan wal makeedha. Biyya yaada amantii addaa addaa qabu kana keessaa amantiin kiristaanaa inni warra kaan irraa adda ta'e (Yesuus karaa isa tokkicha gara Waaqayyootti geessudha. Yoh. 14:6 wajjin ilaali). Achii as dhufaatiin barsiisa sobaa kanm yoo ta'e iyyuu, inni dhiphan amantii kiristaanaa amanamaa fi beekumsaan uummata Giriikootaa-Roomaa isa bal'aa biratti fudhatama gochuuf yaaludha.

D. Yaada filannoo gurmuu noostikii warra kamiif Yohaannis akka barreesse.

1. Noostikii isa reefuu jalqabaa jiru.

- a. Barsiisi bu'uura Noostikii isa reefuu jalqabuu jaarraa 1^{ffaa} waa'ee mirree bifa lamee (dualism) kan bara baraa hafuuraa fi maaterii gidduutti xiyyeeffata. Hafuurri (waaqayyo guddicha) gaarriidha. Maateriin garuu hamaadha. Yaadi bakka lamatti hiruu kun yaada Pilaatoo isa yaada (waan hin qaqqabamne) Fiizikaala (waan qaqqabamu) wajjin, waan samii waan lafaa wajjin, waan hin argamne waan argamuu wajjin isa jedhuun wal fakkaata. Waa'ee barbaachisummaa beekumsa isa iciitii (dhokataa) akka malee ibsuutu jira. Akka yaada kanaatti beekumsi iciitii kun barreertuu yookiin koodii addaa lubbuu gara iddoo ergamoota waaqayyootti ittiin dabartu yookiin gara Waaqayyo isa guddaatti ittiin dabartu jedhu. Kunis fayyinaaf barbaacisaa dha jedhu.
- b. Noostiikiin inni reefuu jalqabu kun bifa lama qaba. Kunis achi as dhufee ergaa Yohaannis isa duraa ta'uu danda'a.
 - 1) Noostikii isa doseetikii isa nama dhugaa ta'uu Yesuus ganu, sababa maateriin hamaa (xura'aadha) jedhuuf.
 - 2) Noostikii isa Sireentiyaanii isa Kiristoosiin sadarkaa ergamoota isa waaqayyoo isa guddaa fi maaterii isa xura'aa "Hafuura Kiristoos" Namicha Yesuusitti gale, utuu inni hin fannifamiin immoo keessaa ba'e;
 - 3) Isaan kana lamaan keessaa kaan jireenya gaaltamaa (asceticism), yoo qaamni keenya fedhe, waantichi hamaadha, warri kan biraa immoo Antiinomiyaanistoonni, (yoo qaami kee barbaade kenniif) jedhu. Ragaan 1^{ffaa} hin jiru. Ragaan barreeffamaan ka'ame hamma jaarraa 2^{ffaa} gidduu galeessaatti hin jiru. Yaada bal'aa waa'ee Noostikootaa yoo barbaade kanneen armaan gadii ilaali.
 - a. Haans jaansiin barreeffamee mana maxxansaa Biikoniin kan maxxanfame "Amantaa Noostikootaa" kan jedhu.
 - b. Eliyaane Paajeliin barreeffamee, mana maxxansaa Random Haawosun kan maxxanfame "Wangeelota Noostikootaa" kan jedhu.
 - c. Andiriwuu Helmbooldiin kan barreeffame, "The Nag Hammad Gnostic Text and the Bible.
2. Barreeffama isa Simiriyaanotaaf barreesse IV-V keessatti Iginaatu yaada barsiisa sobaa kana yaadi inni dhi'eessu; isaan foon uffachuu Yesuus gananii jireenya Antinomiyaanotaa jiraatu jedha.
3. Burqaa barsiisa sobaa kanaa ta'a jedhamee kan yaadamu kan biraan immoo Miyaander nama biyya Anxookiyaa, barreeffama Iraanos irraa kan beekamu, "Against Hereses XXIII"dha. Inni duuka buutuu Simoon nama biyya Samariyaati akkasumas beeksisa waa'ee "beekumsa iciitii" isa jedhamuuti.

E. Barsiisa Sobaa Har'aa

1. Yaadi barsiisa kanaa har'a yommuu namoonni dhugaa kiristaanummaa yaadoolee (falaasama) addaan makan argama.
2. Yaadi barsiisa kana har'a yeroo namoonni barsiisa sirrii walitti dhufeenya jireenya ofii fi akkaataa jireenya amantii irra adda baasan argama.
3. Yaada barsiisa sobaa kun yommuu namoonni kiristaanummaa addumatti gara beekusa Sammuutti debisan argama.

4. Yaadi barsiisa sobaa kun yommuu namoonni amantii gara gaaltuummaatti (asceticism) yookiin gara Antinomiyaanotaatti garagalchan argama.

AKEEKA

- A. Amantootaaf xiyyeeffannaa dhugaa qaba.
 1. Akka gammadaniif (1:4 ilaali)
 2. Jireenya kiristaanummaa akka jirataniif jajjabeesuf (1: 7; 2:)
 3. Akka wal jaallatan isaan abboomuuf/ yaadachiisuuf (4:7-21) biyya lafaa akka hin jaallanneef (2:15-17)
 4. Kiristoosiin fayyuu isaaniif dhugummaa kennuuf (5:13)
- B. Amantootaaf Xiyyeeffannaa barsiisa amantii qaba.
 1. Dogoggora namummaa Yesuusii fi Waaqummaa isaa gargara baasuu in dhowwa mirkaneessuu.
 2. Dogoggora jireenya hafuura beekumsa jireenya kiristaanummaa gatii dhabsiisutti adda baasuu mirkaneessuu.
 3. Dogoggora nami tokka warraa kaanitti adda of baasuun fayyaa mirkaneessuu,

DUBBISA MARSAA DURAA (keeyyataa fi lakkoofsa ilaali)

Kun yaadi laattu qajeelcha qo'annaa M/Qulqulluuti. Kana jechaan hikkannaa Macaafa qulqulluu keef itti gaafatama qabda. Ifa qabnuun deemuutu nuuf ta'a. Ati, M/Qulqulluu fi Hafuura qulqulluun hiika M/Qulqulluu keessatti dursa qabda. Kana yaada laattootaaf hin dhiisiin.

Aluma tokkotti guutummaa macaafichaa duubbisi. Ijoo dubbii guutummaa Macaafichaa adda baasi.

1. Ijoo dubbii Macaafichaa
2. Akaakuu hog-barruu barreeffamichaa

Dubbisa marsaa 2^{ffaa} (keeyyataa fi lakkoofsaan ilaali).

Kun yaadi laattu qajeelcha qo'annaa M/Qulqulluuti. Kana jechaan hikkannaa Macaafa qulqulluu keef itti gaafatama qabda. Ifa qabnuun deemuutu nuuf ta'a. Ati, M/Qulqulluu fi Hafuura qulqulluun hiika M/Qulqulluu keessatti dursa qabda. Kana yaada laattootaaf hin dhiisiin.

Macaaficha guutummaa al tokkootti si'a lammaffaa dubbisi. Ijoowwan dubbii tarreessiti ijoo dubbii hima tokkoon kaa'i.

1. Ijoo dubbii kutaa hog-barruu duraa
2. Ijoo dubbii kutaa hog-barruu 2^{ffaa}
3. Ijoo dubbii kutaa hog-barruu 3^{ffaa}
4. Ijoo dubbii kutaa hog-barruu 4^{ffaa}
5. k.k.f.

1 YOHAANNIS 1:1-2:2

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Sagalee jireenyaa	Isa dhageenyee fi isa argine	Seensa	Sagalee jireenyaa	Dagalee jireenyaa fi tokkoummaa abbaa fi ilamaa isa wajjiin qabu
1:1-4	1:1-4	1:1-4	1:1-4	1:1-4
Waaqayyo ifa ta'uu isaa	Bu'uura isaa wajjiin tokkoummaa qabaachuu	Ilaalcha sirrii cubbuudhaaf qabachuu qabnuu	Waaqayyoo ifa ta'uu isaa	Ificha keessa adeemuu /deddeebi'uu (1:5-2:28)
1:5-10	1:5-2:2	1:5-10	1:5-7	1:5-7
			1:8-10	Aalduree duraa cubbuutti hiikamuuf barbaachisu 1:82:2

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkk.

YAADA BU'UURAA AKKA BARUMSA MACAFA QULQULLUUTTI JIRU (THEOLOGICAL BACKGROUND)

- A. Barreefamni kun seensa Wangeela Yohannis (1:1-18 uumama dura) isa seera uumamaa wajjiin wal qabatu wajjin wal fakkaata (uma 1:1; uumamuu wantootaa) Haata'u iyyuu malee, iddoo kanatti jalqabbii tajaajila ergama Yesuus agarsiisa.
- B. Xiyyeeffannaa yaadni itti kenname
 1. Kiristoos guutummaan guutuutti namummaa qabaachuu isaa

- a. Jedhoota miira namaan wal qabatan: arguu dhaga'uu, qaqqabachuu (Cf. Lakk 1.3) Yesuus dhugaatti nama ture, qaamas qaba.
 - b. Eenyummaa yesuus guutummaatti
 1. Sagalee jireenyaa (Cf. Lakk 1)
 2. Ilma isaa yesuus Kiristoos (CF Lakk 3)
 2. Waaqummaa Yesuus nama Nariret
 - a. Duraan dursee kan ture ta'uu isaa (lakk 1.2)
 - b. Bara baraan jiraataa ta'uu isaa (lakk 2)
- Dhugaawwan kun ilaalcha biyya lafaa barsiisota sobduu dura kan dhaabbatanidha.

GALUMSA

A. Lakk. 1-4

1. AKKA AFAAN Giriikiitti lakk 1-3a hima tokko ijaara
2. Xumuratti kan kennamuuf qabiyyee barsiisa ergamootaa tii fi dha.
3. Lakk 1 keessa cirowwan xiyyeeffannaa agarsiisan afurtu argama.
 - a. “isa jalqbaa kaasee ture”
 - b. “isa dhageenye”
 - c. “waan ija keenyaan argine”
 - d. “ilaallees harka keenyaan isa qaqqabanne”
4. Lakkoofsi 2 waan bara baraan jiraachuu kristos agarsiisu fakkaata seer-luga cimaadhaan ibsamuun isaa xiyyeeffannaa akka inni argatu taasisa!
5. Lakkoofsi 3 fi 4 akka ergamaatti kaayyoo barsiisa Yohaannis ibsu: tokkummaa fi gammachuu. Barreeffamoonni ergamoonni ijaan waan argan ittiin dhugaa ba'an lallaba waldaa duriitiif ulaagaalee barbaachisoo turan keessaa tokkoodha.
6. Ennaa caasaawwan lakkoofsa 1 hubachuun gaariidha.
 - a. Duraan dursee kan jiru ta'uu isaa
 - b. Dhugaa qabatamaa
 - c. Fakkeenya kennaman

C. Lakk 1: 5—2:2

1. Bamaqoonni 1:5-2:2 keessaa jiran ifa miti,, garuu akkan yaadutti lakk 5 irraa kan hafe hundumti isaanii abbaa agarsiisu(Efe. 1:3-14 wajjiin wal fakkaataa dha.)
2. “yoo”n hundumtuu godha raawwatamuu danda'u agarsiisu
3. Ennaan ittiin “Cubbuun” ibsamu akka barumsa macaafa qulqulluutti garaa garummaa hiikaa fiduu danda'a.
 - a. Jechii yeroo ammaa kan jedhu “cubbuu” kan agarsiisudha
 - b. “qeentee” fi “garee” cubbuu fi cubboota

AMANTII DOGOGGORAA

- A. 1:6,8,10;2:4,6,9 Keessatti barsiisi sobaa amantii dogoggoraa arguun ni danda'ama.
- B. Lakkoofsi 5-10 akka barumsa macaaf qulqulluutti waaqayyoon beekuu barumsa macaafa qulqulluutiin waaqayyoo duukaa bu'uutti adda baasuu yaada agarsiisuu wajjiin wal qabata. Kunis xiyyeeffannaa barsiisonni sobduun beekumsaaf kennaan bakka kan bu'udha. Warri Waaqayyoon beekan jireenya isaanii keessatti amala isaa mul'isu.
- C. Lakk 1:8-2:2 fi 3:6-9 haala wal madaaluun qabamuu qabu. Isaan kun akka fuula lamaan santima tokkootti Dogoggora garaa garaa lama fashaleessuu danda'u.
 1. Dogoggora barsiisaa macaafa qulqulluun wal qabatu (Cubbuun hin jiru jedhuu)
 2. Dogoggora xiinsammuu (cubbuun rakkoo hin qabu)
- D. I Yoh 2:1-2: cubbuu baay'ee salphisani ilaaluu (anti homianism) fi rakkoo walitti murteessuu kristiyaanotaa barmaatilee garaa garaa qabamuu fi of ganuu yeroo baay'ee mul'atan gidduu madaallii jiru eeguu kan yaaludha.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 1:1-4

¹Waa'ee isa jalqbaa jalqabee turee, sagalee jireenyaa sanaa isiniif in caafna. Nuyi isa dhageenyeerra, isa keenyaan isa argineerra, ilaallees harka keenyaan isa qaqqabanneerra. ²Jireenyichi mul'ifameera; nuyi isa argineerra; isaafis dhugaa in baana; jireenya bara baraa isa abbaa bira ture, nuttis mul'ifamee kana isinitti in himna. ³Isinis nuu wajjiin tokkummaa akka qabaattaniif, isa arginee fi isa dhageenye sana isinitti in himnas tokkummaan keenya immoo abbaadhaa wajjiin, ilmaa isaa yesuus kiristosii wajjinis ⁴kana hundumaas gammachuun keenya guutuu akka ta'uuf isiniif caafana.

1:1 “waa'ee isaa” kun waa'ee ergaa Waaqayyoo isa yaada lama of keessaa qabuu dubbata, kunis Ergaa waa'ee Yesuus

1. Eenyummaa Yesuus (Cf. 1:8,10;2;20,24:3:11,14)
2. Wangeelli ergaadha, eenyummaadha. Akkaataa jireenyaatis

▣ **“turee”** kun yesuus duraan dursee jiraachuu isaa agarsiisa (kun barreeffamoota Yohaannis keessatti yaada ijoo yeroo baay'ee arginuudha. Cf lakk 2 Yoh. 1:1,15:3:13;8:57-58:17:5). Kunis karaa ittiin Waaqummaan isaa ibsamuu keessaa isa tokkoo ture. Yesuus jalqabaa kaasee abbaa wajjiin waan tureef abbaa nutti mul'ise.

▣ **“jalqabaa jalqabee”** kun uma 1 fi Yoh 1 agarsiisuun calaqqisiisuun isaa beekamaadha, asitti garii mul'inatti hojii Yesuus jalqabuun agarsiisa (mata duree adda Arche jedhu Yoh 1: 1 irraa ilaali). Dhufuun Yesuus karoora salphaa hin turre. Yeroo hundumaa Wangeelli karoora Waaqayyoo ilmaan namaa ittiin fayyisuuf baase dha. (Cf Uma 3:15,HE 2:23; 3:18;4:28;13:29). Akka galumsa iddoo kanaatti gaaleen kun ergamoonni kudha lamaan waa'ee eenyummaa yesuus dubbachuu jalqabuu isaanii agarsiisa.

Yohaannis yeroo baay'ee ganda “jalqabuu” (Arche) jedhutti dhimma ba'a. Taateewwan kun baay'een isaanii iddoo guguddaa lamatti hiramuu

1. Uumamaa kaasee
 - a. Yoh 1:1,2 (Yesuus jalqabatti turuu isaa)
 - b. Yoh 8:44; I mot 3:8 (seexanni jalqabaa kaasee ajjeesaa fi abbaa sobaa ta'uu isaa)
 - c. Mul 3:14;21:6,12 (Yesuus isa jalqabaa fi isa dhumaa ta'uu isaa)
2. Yesuusiin lallabuu fi tajiijiluu kaasee
 - a. Yoh 8:25; 16:4;lyoh 2:7 (yeroo lama) ; 3:11 ; II Yoh 5,6 (barsiisa Yesuus)
 - b. Yoh 15:17;16:4 (Yesuusii Wajjiin)
 - c. I Yoh 1:1 (mul'inatti fajaajila Yesuus yeroo jalqabanii kaasee)
 - d. I Yoh 2:13,24 (yeroo lama) (Yesuusitti amanuu isanii irraa kan ka'e)
 - e. Yoh 6:64 (Yesuusiin fudhachuu dhiisuu isaanii irraa kan ka'e)
3. Galumsi kutaa kanaa gara #2tti jal'ata.

MATA DUREE ADDAA: YOH 1 I YOH 1 WAJJIIN WAL MADAALCHISUU

Wangeela

1. Jalqaba (1:1,2)
2. Sagalee (Logos) 1:1
3. Jireenya (Zoe) (1:4)
4. Ifa yesuus keessaa (1:\$)
5. Ifichi dukkana keessatti in ibsa
6. Dukkana (1:5)
7. Waa'ee ifichaa kan dhugaa ba'uu (1 6-8)
8. Namoonni Waaqayyotti akka ananiif (1:7,12-13)
9. Ulfina isaa argine (1:14)

Ergaa

1. Jalqabaa jalqabee (1:1)
2. Sagalee (legos) 1:1
3. jireenya (ZOE) (1:1,2)
4. Ifa waaqayyoo keessa (1:5)
5. Dukkannis motumaa isaa keessa hin jiru (1:%5)
6. Dukkana (1:5)
7. Waa'ee ifichaa warra dhugaa ba'an (1:3,5)
8. Namoonni waaqayyootta akka amananiif (1:3)
9. ulfina isaa argine (1:1-3)

▣ “**Nuyi**” kun ergamoonni walitti qabaatti dhuga baatuu ta’aa isaanii agarsiisa (barreessitoota kakuu haaraa. Dhuga ba’umsi walii galteen godhamu kun amala ergaan Yohaannis inni duraa ittiin beekamu dha. Kunis yeroo 50 ol itti dhimma ba’ameera.

Namoonni tokko tokko bamaqoota maqaa baay’ina agarsiisaan kana barreeffamoota Yohaannis keessaatti akka waan baramaatti fudhatu. Kunis barsiisota barsiisa macaaf qulqulluu ilaalcha Yohaannisii wal fakkaatu barsiisan agarsiisuu danda’a.

▣ “**dhageenyeerra argineerra**” kun isaa wajjiin turuu isaanii ol kaasee kan mul’isudha. Yohannis lakk 1, 3 keessatti jedhoota miira shanana agarsiisanitti dhimma ba’uun isaa namummaa Yesuus agarsiisa. Kanaanis jireenya yesuusi fi barsiisa isaaf dhuga-baatuu ta’uu isaa dubbata.

▣ “**ilaallees qaqqabanneerra**” caasaan dubbii kanaa gocha murtaa’e tokko ol kaasee kan calaqisiisu dha. “ilaallee” jechuun “itti siqnee argineerra hubanneerra jechuudha. (Cf. Yoh 1:14), “qaqqabanneerra” jedhuun immoo “sirriitti qorree miira keenya mirkaneeffanneerra” jechuudha. (Cf. Yoh 20: 20-27 Luq 24 :39).

Kakuu haaraa keessatti jechi afaan Giriikii “*aqqabachuu (pselaphaō)*” jedhu lakkoofsa lama keessatti duwwaa argama asii fi Luq 24:39 Luqaas keessatti du’aa ka’uu booddee Yesuusiin qaqqabachuu agarsiisa. Ergaan Yohaannis inni duraa haaluma wal fakkaatuudhaan dhimma itti ba’a.

▣ “**sagalee jireenyaa**” akkuma seensa wangeela Yohaannis (1:1) jecha Logos jedhutti dhimma ba’uun isaa qalbii barsiisota sobduu warra Giriikii argachuu ture jedhi kun falaasama warra Giriikii keessatti bal’inaan argama jireenya warra ibrootaa keessattis hundee adda ba’e qaba ture (Cf. Seensa Yoh 1 C). Gaaleen kun iddoo kanatti qabiyyee wangeelaa akkasumas isa wangeelli wa’ee isaa dubbatu agarsiisa.

1:2 Lakkoofsi kun ibsa “jireenyaa” ti

▣ “**jireenyichi**” *Zōe* (lak 2 yeroo lama) jechi jedhu barreeffamoota Yohaannis keessatti jireenya hafuura, jireenyaa du’aa ka’uu booddee, jireenya bara haaraa, yookiis jireenya Waaqayyoo agarsiisuuf yeroo baa’ee dhimma itti ba’ameera. ((Cf. Yoh 1:4:3:15:36 (Yeroo lama) ; 4:14, 36:5:24 (Yeeroo lama), 26 (yeroo lama), 29, 39, 40, 6:27, 33, 35, 40, 47, 48, 51, 53, 54, 63, 68:8:12; 10:10, 28, 11:25:12:26, 50; 14:6:17:2, 3:20:31: I Yoh1:1, 2:2:25:3:14-15:5:11, 12, 13, 16, 20) Yesuus ofii isaatiin “jireenyicha” jedheera (Cf Yoh 14:6).

▣ “**Mul’ifameera**” xumurri kun lakkoofsa kana keessatti yeroo lama dhimma itti ba’ameera. Xumurri kun abbaan dhimmaa Waaqayyoo abbaa ta’uu isaa agarsiisa. Dubbiin kun (phaneroe) “ waan duraan dursee ture gara ifaatti baasuu” agarsiisa. Kunis dubbii Yohaannisitti tolu ture (Cf. Yoh1:31; 3:21:9:3; 12:6:I yoh 1:2 (yeroo lama) ; 2:19; 3; 5; 8; 10; 4; 9) Ennaan gocha waaqayyoo abbaadhaan raawwatamu agarsiisu kun dhugaa ba’umsa isa (Cf. Yoh 1:44) barsiisonni osbuun ganaan ture.

▣ “**dhugaa in baana**” kun muuxannoo dhuunfa yohaannis qabu agarsiisa. Jedhi kun yeroo baa’ee mana murtiitti raqaa ba’uu agarsiisa. Mata duree addaa Yoh 1:8 keessatti dhugaa baatota yesuus jedhu ilaali.

▣ “**in himna**” kun dhuga ba’umsa Yohaannis isa aboo of keessaa qabu lallaba isa fi barreeffama isa keessatti mul’ifamee fi galmaa’e agarsiisa kun xumura lakk 1-3 ti. Kunis yeroo lama irra deddeebi’ameera (lakk 2 fi lakk 3).

▣ “**isa abbaa bira ture**” kunis akkuma lakkoofsa 1 Yesuus duraan duressaa kan ture ta’uu isaa agarsiisa. Caasaan gaalee kanaa Yoh 1:1 wajjiin wal fakkaataa dha. Waaqayyoo bifa namattiin of mul’ise (Cf Yoh. 1:14). Yesusin bekuun Waaqayyoon beekuudha (CF Yoh 1:14: 8-11) kunis fakkeenya Yesuus humna Waaqummaa fi bifa namummaa qabaachuu isaa ibsuu Yohannis agarsiisudha.

1:3 “**Isa arginee fi isa dhageenye sana isinitti in himna**” kunis ibsa lakk 2 booddee yaada lakk 1 tti kan debi’udha. Xumurri miiraa agarsiisan lakk 1. Keessatti argaman asittis irra deebi’amaniiru.

▣ “**isinitti immoo lallabeera**” Kun qabxii isa guddaa lakk. 1-3 keessa jiruudha. Wanta yeero ammaa kan agarsiisudha. Waaqayyoon beekuun ijoollee isaa waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuu gaafata!

▣ **“Isinis nuu wajjiin tokkummaa akka qabaattaniif”** kun ciroo sababa agarsiisuudhan (*hina*). Kanyoon wangeelaa warri Yesuusiin hin dhageenyee fi hin argine dhugaa ba’umsa ergamootaatiin akka fayyan ture (Cf.Yoh 17:20; 20: 29-31). Egaa tokkummaa kennaa ayyaanaa kana kan gammachuu”, nagaa fi aara-galfii” fidu! Waldaan hawaasa amantootaa ti, qaama tokkicha amantoota! Wangeelli guutummaa biyya lafaa tiifi.

MATA DUREE ADDAA: KOINŌNIA

“Tokkummaa” (Koinonia) jechuun

1. Nama tokko wajjiin hariiroo lama qabaachuu
 - a. Ilmaa wajjiin (Cf. Yoh 1:6; I Qor 1:9)
 - b. Hafuura qulqulluu wajjiin (Cf II Qor. 13:13; Fil 2:1)
 - c. Abbaa fi Ilmaa wajjiin (Cf I Yoh. 1:13)
 - d. Abolaa kakuu warra kaanii wajjiin (Cf I Yoh 1:7; HE 2:42; Gal 2:9; Filemon 17)
2. Wantootaa wajjin, gartuuwwan garaa garaa wajjiin hariiroo cimaa qabaachuu
 - a. Wangeelaa wajjiin (Cf.Fil 1:5; Filemona 6)
 - b. Dhiiga Kristoosii wajjiin (Cf I Qor 10:16)
 - c. Dukanaa wajjiin hariiroo qabaachuu dhiisuu (Cf. II Qor. 6:14)
 - d. Dhiphina isaa irraa hirmaachuu (Cf Fil.3:104:14 I phex 4:13)
3. Kennaa yookiis hirmaannaa garraamummaadhaan godhamu (Cf Rom 12:13; 15:26; II Qor . 8:4:9:13; Fil 4:15; Ibi 13:16)
4. Kennaa ayyaanaa Waaqayyoo karaa kkristos kennamu, isa tokkummaa dhallii namaa Waaqayyoo wajjiin qabuu fi obboloota isaa wajjiin qabu deebisee ijaaru dha kun immoo hariiroo namni namaa wajjiin qabu isaa hariiroo namni uumaa isaa wajjiin qabu irraa dhufu ibsa akkasumas, barbaachisummaa fi gammachuu tokkummaa kristiyaanotaa calaqisiisaa. Caasaan nima kanaa gochi kun jalqabee itti fufuu akka qabu cimsee hubachiisaa (Cf1:3 (yeroo Lama) 6, 7 Kristiyaannummaan walii gatee dha!

MATA DUREE ADDAA: KRISTIYAANNUMMAAN WALII GALATTEE DHA

- A. Fakkeeniyota phaawulosi fi Phexros baay’ina agarsiisan
 1. Qaama
 2. Damee hojii
 3. Ijaarsa
- B. Jechi “qulqulluu” jedhu yeroo hundumaa baay’ina agarsiisa (Fil 4:21 irraa kan hafe, garuu asitti iyyuu walii galtee dha/)
- C. Maartiin Lutar hara’umsa isaa keessatti “lubbummaa nama amantaa ta’ee irratti xiyyeeffachuun isaa guutummaan guutuutti macaafa qulqulluu irratti kan hundaa’ee miti Kun lubbummaa amantootaa tiif ba’u 19:6; I Phex 2:5, 9; Mul. 1:6)
- D. Tokkoo tokkoon amanaa hundumaaf bu’aa akka ta’uuf kennameef (Cf. I Qor 12:7)
- E. Namoonni Waaqayyoo yoo walii galan duwwaa fixaan ba’umsa argatu. Tajaajilli walii galtee dha. (Cf Efe 4: 11-12)

▣ **“Abbaadhaa wajjiin, ilama isaa wajjiinis”** Gaaleewwan kun lamaan caasaa isaaniitiin wal-tarreedha. Caasaan kunis walqixxummaa fi waaqummaa yesuus mirkaneesa (Cf.Yoh 5:18; 10:33; 19:7). Ilma (waaqa isa foon uffate) malee akka barsiisonni sobduun jedhanitti (Cf I Yoh. 2:23; 5:10-12)

Waaqayyo abbaa fi ilma wajjiin tokkummaa qabaachuun barreeffama Yoh 14:23 keessatti “Wal-keessa jiraachuu” agarsiisuu wajjiin wal fakkaataadha.

1:4 “ kana ahundumaas isiniif caafna” kun macaaficha guutummaatti yookiis addumatti lakk 1-3 kan agarsiisuu ta’uu danda’a. Yaadi wal fakkaataan kun 2:1 keessattis ni argama. Asitti barreessichi kaayyoowwan isaa keessatti isa tokko dubbata (Cf 2:1).

▣ **“gammachuun keenya guutuu akka ta’uuf”** (Cf.Yoh 15:11; 16:20, 22, 24; 17:13; II Yoh.12; IIIYoh 4). Gammachuun amantootaa abbaa; ilmaa fi Hafuura Qulqulluu wajjiin tokkummaa qabaachuudhaan guutuu ta’a ture. Kunis barsiisota sobduu dura dhaabachuudhaaf qabiyyee murteessaa ture. Macaafa kana barreessuu isaatiif akka kaayyootti wanti Yohaannis dubbatu:

1. Waaqayyoo wajjiin, ijoollee isaa wajjiinis tokkummaa qabaachuu
2. Gammachuu
3. Wabii argachuu
4. Karaa biraa immoo, barsiisota sobduu dura akka dhaabbataniif amantoota hidhaachiisuu turee.

Lakkoofsa kana irratti barreeffamoota Giriikii gidduu garaa garummaan jira;

1. “gammachuu keenya” MSSx, B, L; NASB; NRSV, NJB, REB, NIV
2. “Gammachuu keessan “MSS A, C; NKJV

UBS4 1 FILATA. “KEENYA” inni jedhu dhugaa batota ta’uu ergamootaa moo amantootaa agarsiisa? Ergaan Yohaannis inni duraa Kristiyaanummaa mirkaneessuu irratti hirkachuu isaa irraa ka’ee kun amantoota waan agarsiisu natti fakkaata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 1:5-2:2

⁵Waaqayyoo ifa; dukkannis matumaa isaa keessa hin jiruu ergaan nuyi isaa irraa dhageenyee isiniitti himuns isuma kana ⁶Waaqayyoo wajjiin tokkummaa qabaanna jennee dukkana keessa yoo deddeebine, in sobna akka dhugaa sanaattis hin jiraannu. ⁷Akka inni ifa keessa jiru, nuyis ifa keessa yoo deddeebine nuyi walii keenyaa wajjiin tokkummaa qabana, dhigni ilma isaa yesuus immoo cubbuu hundumaatti nu qulleessa ⁸cubbuu hin qabnu yoo jenne of in sosobna; dhugaanis nu keessa hin jiru. ⁹Cubbuu keenya isatti yoo himannee inni amanamaa fi qajeelaa waan ta’eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa jal’ina keenya hundumaattis nu qulleessa ¹⁰Nuyi cubbuu hin qabnu yoo jennee immoo isa sobduu in goona, dubbiin isaas nu keessa hin jiru ^{2:1}Yaa ijoollee ko, akka isin cubbuu hin hojjenneef kana isiniifan caafa; namni tokko illee yoo cubbuu hojjete garuu, nama nuuf dhaabbatu abbaa biraa qabana, innis Yesus Kristos isa qajeelaa dha. ²Inni furee cubbuu keenyaati, cubbuu keenya duwwaafis miti, cubbuu guutummaa biyya lafaatiifis malee

1:5 “ ergaan nuyi isa irraa dhageenyee” Bamaqaan” nuyi” jedhu Yohaannisii fi warra ijaan arganii dhugaa baatota ta’an warra kaan, akkasumas yeroo yesuus biyya lafaa irra deddeebi’aa turetti warra duuka buutota isaa turan agarsiisaa 2:1 keessatti Yohaannis dhageeffatoota isaatti kallattiidhaan (“ Isin”) jedhee itti dubbata, kunis waldoota asiyaaxinnitti kan agarsiisu ta’uu danda’a.

Xumurri “ dhageenye” jedhu jecha 1:1-4 keessatti isa ifatti irra deddeebi’amee miira agarsiisu calaqisiisa. Kunis dubbii ergamichi Yohaannis qaamaan Yesuusii wajjiin turuu isaa ittiin mirkaneessuudha. Yohaannis ofii isaa utuu hin ta’in Yesuusii mul’isaa jira! Himoonni Yohaannis wangeela keessatti addumatti “ ani” jedhee itti dubbate barsiisa Yesuus dhuunfaatti isa barsiise yaadachuu isaa ta’uu da’a.

▣ **“ isa irraa”** 1:5-2:2 keessatti bamaqaan yesusin agarsiisu “ isa irraa” isa jedhu kana qofa Yesuus abbaa mul’isuudhaaf dhufe (Cf Yoh 1:18). Akka barumsa macaafa qulqulluutti yesuus kaayyoo sadiif dhufe

1. Abbaa mul’isuudhaaf (Cf 1:5)
2. Amantootaaf fakkeenya ta’uudhaaf (CF 1:7)
3. Nama cubbamaadhaaf du’uudhaaf (Cf 1: 7; 2:2)

▣ **“Waaqayyoo ifa”** kun mul’achuu fi amala waaqayyoo kan calaqisiisudha. (Cf Far . 27:1:Isa 60:20 Milk 7:8 I Xim 6:16 Yaa’iqob 1:17). Akka barsiisonni sobduun ibsanitti ifi beekumsa agarsiisa, Yohaannis garuu qulqullummaa amala Waaqayyoo akka inni agarsiisuu barsiisa “ Ifa” fi “ Dukkanni” jedhoota beekamoo dha. Kunis gaarii fi gadhee wajjiin wal qabata (Yoh 1:5; 8:12; 12:46) akkasumas akka barsiisaa dogogoraatti waalama hafuura fi wanta agarsiisuu danda’u. Kun karaa salphaa, garuu hiika guddaa qabu ittiin Yohaannis waa’ee Waaqummaa ibsedha. Warri kan biroon immoo (1) “ Waaqayyoo jaalala” (Cf 4:8, 16) fi (2) “ Waaqayyoo Hafuur” (Cf Yoh 4: 24) Maatiin Waaqayyoo, akkuma Yesuus (Cf Yoh 8:12; 9:5) amala waaqayyoo calaqisiisuu qabu (Cf Mat.5:14) Jireenyi jijjiiramee fi jijjiirama fidu jaalala, dhiifamaa, fi qulqullummaa irratti hundaa’ee kun dhugaatti amanuu namaaf ragaa tokko dha.

▣ **“dukkannis matumaa isaa keessa hin jiru”** caasaan hima kanaa xiyyeeffannaa guddaa agarsiisaa. Kunis qulqullummaa amalaa Waaqayyoo isa hin jijjiiramne kan agarsiisudha. (Cf I Xim 6:16 Yaa’iqob 1:17; Far 102 :27 ; Mal” 3:6:1:6

1:6 “ Jennee” kun dubbiiwwan barsiisota sobduu addaa baafachuudhaaf himoonni kun karaa tokkoo fi tokko dha. Warri kunis barsiisota sobduu bara duriiti.

Bifa gaaffii fi deebiitiin dhugaa baasuun ni danda’ama. Kunis “ Malachi” (Cf 1:2, 6, 7, 12; 2:14, 17; 3:7:14) fi Roomaa (Cf 2:3, 17, 21-23: 3:1, 3, 7-8, 9, 31; 4:1; 6:1; 7:7) keessattii ifatti mul’ata.

▣ **“Waaqayyoo wajjiin tokkummaa qabna”** Barsiisonni sobduun tokkummaa beekumsaa duwwaa duwwaa irratti hundaa’a jedhu ture. Kunis ilaalcha falasama warra Giriikii Plato irraa dhufe ture . Garuu, Yohaannis kristiyaanonni jireenya kiristosiin fakkaatu jiraachuu akka qaban barsiisa (Cf lak 7 Lew. 19:2; 20:7; Mat 5: 48). Mata duree addaa 1:3 irra jiru ilaali.

▣ **“dukkana keessaa yoo deddeebine”** kun fakkeenya macaafa qulqulluu naamusa deddeebii jireenyaa agarsiisu dha. (Cf. Efe 4:1, 17:5:2, 15) Waaqayyoo ifa dukkannii keessa hin jirree dha. Ijoolleen isaas isa fakkaachuu qabu (cf. Mat. 5:48).

▣ **“nuti ni sobna dhugaas hin shaakallu”** Kun wanta yeroo ammaa kan agarsiisudha. Yohaannis namoota amantaa hedduu akka sobdootaatti waama. (Cf 1:10:2:4:20:4:20; isa 29:13). Hojiin deddeebii jireenyaa dhugaatti laphee namaa mul’isa (Cf Mat.7) Mata duree addaa: Barreeffamoota Yohaannis keessatti dhugaa jedhu Yoh 6:55 irraa ilaali.

1:7 “Ifa keessa yoo deddeebine” kun gocha walitti fufiinsa qabu agarsiisa “ deddeebiin” fakkeenya kakuu haaraa keessatti jireenya kristiyaanummaa agarsiisudha (Efe 4:1.17; 5:2, 15).

Deddeebii fi xumurri gocha walitti fufiinsa qabu agarsiisu hammam akka irra deddeebi’amanii jireenyaa kiristyaanummaa wajjiin wal qabsiifamn hubadhu. Dhugaan waan jiraannu tokko dha malee wanta nuyi beeknu duwwaa miti! Wangeela yohaannis keessatti dhugaan yaada ijoo dha. Mata-duree addaa Yoh 6:55 fi 17:3 irra jiru ilaali.

▣ **“akka inni ifa keessa jiru”** Amantoonni akka Waaqayyootti yaaduu fi jiraachuu qabu (Cf Mata 5:48). Nuyi biyya laffa dukkana keessa jirutti amala isaa calaqisiisuu qabana Fayyinni haareffamuu bifa Waaqayyoo isa ilmaan namaa keessa jiruu (Uma 1:26, 27) isa uma 3 keessatti kufuu namaatiin miidhamee ti.

▣ **“Nuyi walii keenyaa wajjiin tokkummaa qabna”** jechi Tokkummaa jedhu jedha afaan Griikii Koinonia jedhu, hiikni isaas immoo hariiroo fi hirmaannaa namoota lamaa gidduu jiru agarsiisuudha. (mata-duree addaa 1:3 irraa ilaali). Kristiyaanummaa jireenyaa yesuus hirmaachuu amantootaa irratti hundaa’a. Nuyi dhiifamuu Cubbuutiin jireenya isaa yoo fudhanne, tajaajila jaalala isaans fudhachuu qabana (Cf I yoh 3:16).Waaqayyoon beekuun dhugaa dhokataa utuu hin ta’in tokkummaa fi jireenya waaqayyoon fakkaatu kan nu keessatti kakaasudha. Kaayyoon kristiyaanummaa du’a booddee mootummaa Waaqayyoo dhaaluu duwwaa utuu hin ta’in har’as Kristosiin fakkaachuu dha. Bariisonni sobduun ilaalcha kana addaa baasee ilaaluu qabu. Haatu malee namni tokko yommuu dhugaatti waaqayyoo wajjiin walii galu, kristiyaana isa bukkee jiruunis dhugaatti walii gala. Kristiyaanota warra kaaniif jaalala dhubuun mallattoo hariiroon nuyi waaqayyoo wajjiin qabnu rakkoo qbaachuu isaa calqaisiisudha. (CF 4:20-21 fi mat 5:7; 6:14-15; 18:21-35)

▣ **“Dhiigni ilamaa isaa Yesuus”** kun arsa ta’ee du’uu Yesuus agarsiisa (Cf Isa 52:13; 53:12; Marq 10:45; II Qor 5:21). Kunis 2:2 “ Inni furee cubbuu keenyaati” wajjiin baay’ee wal fakkaataa dha. Kun amanannaa Yohaannis Cuupphaan ittiin “ ilaalaa hooliha Waaqayyoo, isa Cubbuu Biyyaa lafaa irraa fuudhu” jedhuu ture (Cf. Yoh 1:29) Inni qulqulluun isa yakkamaaf jedhee du’e!

Barsiisonni sobduun durii nama dhugaa ta’uu Yesuus gananiiru. Akkaataan Yohaannis ittin jedha “ dhiiga” jedhutti dhimma ba’u Yesuus nama dhugaa akka ture mirkaneessa. Barreeffamoonni Giriikii garaa garaa maqaa kana haala garaa garaatiin ibsu

1. Yesus – NASB, NRSV, NJB, REB, NET
2. Kiristos – MSS, B, C

3. Yesuus kristos NKJV

Kun fakkeenya kitaaba bar D.Ehrma. “ *The Orthodox Corruption of Scripture*” barreeffamicha murtaa’aa gochuudhaan barsiisota sobduu hara’aa xaasilaa baasan agarsiisudha. # 3 garaa garummaa MSS dhiphisuudhaaf garaagara.

▣ **“Cubbuu hundumaattii nu qulleessa”** kun Cubbuu gosa hundumaa agarsiisa lakkoofsi kun qulqulleessuu yeroo tokkoo (Fayyina lak 7) duwwaa utuu hin ta’in qulqulleessuu itti fufiinsa qabu agarsiisa (jireenya Kristiyaanummaa lakk 9). Lachuun isaanii iyyuu qaama jireenya Kristiyaanummaati (Cf Yoh 13:10).

1:8 “Cubbuu hin qabnu yoo jennee” Cubbuun biyyaa lafaa cubbuun guuteef, amantootaaf iyyuu taatee hafuuraa qabatamaadha. (Cf Rom 7) Wangeellii Yohaannis yeroo baay’ee waa’ee dhimma kanaa ni dubbata (Cf 9:41; 15:22:24:19:11). Lakkoofsi kun yaadota duris ta’e har’a itti gaafatamummaa qabaachuu namaa ganaan kan fashaleessu dha.

▣ **“of in sosobna”** Gaaleen Giriika kun tuffii utuu hin ta’in beekaa dhugaa fudhachuu diduu namaa agarsiisa.

▣ **“Dhugaanis nu keessa hin jiru”** karaan ittiin waaqayyoo isa qulqulluu biratti fudhatama argatan cubbuu keenya ganuudhaan utuu hin ta’in. Cubbuu keenya amannee karaa kristosin dhiifamuu cubbuu isa irraa argachuudhaa (Cf Rom. 3:21-31). “ dhugaan” ergaa waa’ee Yesus yookiis eenyumma Yesuus agarsiisuu danda’a (Cf. Yoh 14:6): mata duree addaa Yoh 6:55 fi 17:3 irraa ilaali.

1:8:9 “ yoo” kun gocha raawwatamuu danda’u agarsiisaa1:9 “ Cubbuu keenya yoo isatti himannee “ kun jedha dachaa afaan Giriikii “ Dubbachuu” fi waan wal fakkaataa” irraa ijaaramee dha. Amantoonni Waaqayyoo isa qulqullummaa isaa yakkani fufiinsa qabu agarsiisa qaba agarsiisa cubbuu ofi himachuun wanti agarsiisu

1. Cubbuu sana addumatti maqaa dhahuu (lak 9)
2. Mul’inatti cubbuu ofii amanuu (Cf Mat 10:32; yaa’iqob 5:16)
3. Cubbuu tokkoo irraa deebi’uu (Cf Mat 3:6:Marq 1:5; HE 19:18; Ya’iqob 5:16)

Jechi kun ergaa Yohaannis isa duraa keessatti baay’inaan argama (Cf 1:9; 4:2, 3, 15; II Yoh 7) Du’uun Yesuus karaa dhiifamati, namni cubbamaan garuu yeroo hundumaa isa dhaga’ee amantiidhaan deebii yoo kenne fayyina argata (Cf Yoh 1:12; 3:16). Mata duree addaa cubbuu himachuu jedhu Yoh 9:22-23 irraa ilaali.

▣ **“Cubbuu keenya”** kun addumatti hojiiwwan cubbuu agarsiisa.

▣ **“inni amanamaa waan ta’eef”** kun Waaqayyoo abbaa agarsiisa (Cf keessa deebii 7:9; 32:4 far 26:5:40:10; 89:1, 2 5, 8; 92:2; 119: 90: Isa 49:7:Rom 3:3; I Qor 1:9:10:13, II Qor 1:18 I Tas 2:13) kun hin jijjiiramne, araara qabeessa, amanamaa shakkii tokko illee hin qabne dha! Gaaleen kun Waaqayyoo dubbii isaaf amanamaa ta’uu isaa kan cimsu dha. (Cf Ibr 10; 11:11). Akkasumas kun kakuu waadaa haaraa Waaqayyoo Erm. 31:34 keessatti dhiifamuu cubbuutiif kaa’e kun agarsiisuu ta’uu danda’a.

▣ **“qajeelaa”** jedhi kun yaada Waaqayyoo inni qulqulluun tola nama cubbamaatti araaramuu isaa ibsu keessatti kan barame miti. Haata’u malee, akka barumsa macaafa qulqulluutti kun baay’ee sirriidha; sababni isaas Waaqayyoo cubbuu keenya hin jaallatu, garuu krisotoos iddoo keenya nuuf du’uu isaatiin karaa ittiin dhiifamuu cubbuu argannuu nuuf qopheesse (CF Rom:3:21-31 Mata duree addaa 2:29 irraa jiru ilaali.

▣ **“cubbbuu keenya nuuf in dhiisa nu qulleessa”** Techolumsa kanaatti): Lamaan isaanii iyyuu fayyuu warraa badanii turanii fi Waaqayyoo wajjiin tokkummaa qabaachuudhaaf yeroo hundumaa qulqullaa’uun akka barbaachisu agarsiisu (Cf Isa 1:18; 38:17:43:25; 44:22; Far 103:3, 11-13; Mik 7:19). Barsiisonni sobduun warrii Wangeela ganam fayyuu ni barbaadu ture. Amantoota warra cubbuutti deebi’uu dadhabaniif tokkummaan isaan waaqayyoo wajjiin qaban harefamuutu isaan barbaachisa Yohaannis waa’ee gartuu warra duraa keessaa beekkannoodhaan waa’ee gartuu warra lammaffaa garuu ifatti waan dubbate fakkaata.

1:10 “Yoo” Ibsa 1:6 irraa jiru ilaali.

▣ **“nuyi cubbuu hin hojjennee”** Himni kun kana duras ammas akka cubbuu hin hojjennee agarsiisa Jechi “ Cubbuu” jedhu kun qeenxee waan ta’eef cubbuu akka walii galaatti agarsiisa.. Hiikaan jedha Giriikii “ Kaayyoo

ofii daggachuu” agarsiisa. Kana jedhuunis cubbuun waan sagalee Waaqayyoo keessatti dubbatame /mul’ifame raawwachuu akkasumas raawwachuu dhiisuu dha. Bariisonni sobduun akka jedhanitti fayyinni jireenyaa wajjiin utuu hin ta’ in beekumsaa wajjiin qofa wal-qabata.

▣ **“isa sobduu in goona”** Wangeelli dhalli namaa hundumtuu cubbamaa ta’uu isaa irratti hundaa’ee (Cf. Rom. 3:9-18, 23; 5:1; 11:32). Kanaaf Waaqayyoo (Cf. Rom. 3:4) yookiis immoo warra nuyi cubbuu hin qabnu jedhutu sababa jira jechuudha.

▣ **“Dubbiin isaas nu keessa hin jiru”** kun jedhi” Logos” jedhu karaa lama, akka egaatti akkasumas akka qaama tokkootti ilaalamuu isaa agarsiisa (Cf 1:1, 8; Yoh 14:6) Yohaannis yeroo baayee kana “ dhugaa” jedhee waama.

2:1 “yaa ijoollee koo” Ergaa isaa isa duraa keessatti Yohaannis jedha “ ijoollee” jedhuuf jedha xinummaa agarsiisaa lama fayyadama.

1. *teknion* (Cf 2:1, 12, 28:3:7, 18:4:4; 5:21; Yoh 13:33)

2. *paidion* (Cf 2:14, 18)

Jechoonni kun lamaan hiika wal fakkaataa qabu. Yohaannis jedhota marmaartee kanatti fayyadamuun isaa yeroo macaaficha barreessaa turetti nama umiriidhaan deeme waan tureef ta’uu danda’a.

Yesuus Yoh 13:33 keessatti jedha “ ijoollee” jedhu kana ergamoota agarsiisuuf fayyadameera.

▣ **“akka isin cubbuu hin hojjenneef kana isiniifan caafa”** iddoo kanatti yohaannis gocha (Ennaa) ammaa jireenya foii keessatti yeroo hundumaa cubbuutti adda ba’uu dadhabuu (Cf 3:6:9) fi hojii cubuu amantaa gowwoomsaa biyyaa lafaatiin / hawwa biyyaa lafaatiin qabamanii garaa garaa baasee ibsaa jira.. Yohaannis yaadota baay’ee keessa ba’an armaan gadii gidduutti madaallii fiduu yaalaa jira.

1. Cubbuu baay’ee salphisuu (Cf. Rom 6:1; I yoh 1:8-10; 3:6-9; 5:16)

2. Kristiyaanota akka waan tasa cubbuu hojjechuu hin qabnee yookiis dhiibbaa dhibbatti cubbuutti fagaachuun akka dirqama ta’etti fudhatan.

Yaadonni kun lamaan yaada barsiisota sobduu calaqisiisuu danda’u- gartuun tokko akka yaadni itti fayyinni beekumsa irratti malee foonni hamaa waan tureef jirenya har’aa borii irratti hin hunda’u. Bariisonni sobduun garuun biraa immoo foonni hamaa/jal’aa/ waan tureef fedha isaa hundumaa irraa daangefamuu qaba jedhu.

▣ **“namni tokko illee yoo cubbuu hojjeta”** Himni kun gocha raawatamuu danda’u agarsiisa. Kristiyaanonni iyyuu cubbuu hojjechuu danda’u ta’a (Cf. Rom 7).

▣ **“ Nama nuuf dhaabbatu abbaa biraa qabna”** Himni kun Yesus yeroo hundumaa Waaqarratti nuuf akka dubbatu agarsiisa (Parakletos). Kun akka jedha seeraatti abukaatoo jechuudha. (para: bukkee kaless: waamamuu). Kunis Wangeela Yohannis barsiisa kutaa gara olii / Gubbaa keessatti, Hafuura qulqulluu isa biyya lafaa kana irraa yommuu jiraannuu nu keessa bulee nuuf dubbatu agarsiisa (Cf Yoh. 14:16.25; 15:26:16:7). Garuu, jedhi kun iddoo kana duwwaatti Yesusif dhaabata (Yaadni Yoh. 14:16; Rom 8:34; Ibr. 4:14-16; 7:25:9 24 keessatti argamu garuu jedha kana calaqisiisuu danda’a). Rom 8: 34 keessatti Phaawulos yaada wal fakkaataa kana hojii Kristos nuu fi Waaqayyoo gidduutti hojjetu agarsiisuuf dhimma itti ba’eera. Akkasumas Rom 8:26 keessatti waa’ee hojii Hafuurri qulqulluun nuuf hojjetuu dubbateera. Nuyi waaqa irratti kan nuuf dubbatu (Yesus) akkasumas nukeessa jiraatee kan nuuf dubbatu (Hafuura qulqulluu) qabna; Lamaan isaani iyyuu Abbaa jaalalaatu maqaa isaatiin nuuf erge.

▣ **“Yesus krisotos isa qajeelaa”** dubbiin kun 1:9 keessatti Waaqayyoo Abbaadhaaf dubbatameera. Barreessitoonni kakuu haaraa Waaqummaa Yesuus agarsiisuudhaaf tooftaa barreeffamaa garaa garaatti dhimma ba’u

1. Maqaa Waaqayyoon ibsuun yesuusiin Ibsuu

2. Hojii Waaqayyoo Yesuusiin hojjetame ibsuu

3. Caasaa seer-lugaa wal-tarree ta’ee fi lamaan isaaniif agarsiisu fayyadamuu

Kun Krisots cubbuu akka hin qabne (qulqullummaa Waaqayyoon fakkaachuu) dubbata (Cf 3:5: IIQor 5:21; Ibr 2:18; 4:15; 7:26; I phex 2:22). Inni kara Waaqayyoo abbaan ittiin “ qajeelummaa” gara namootaa fidu ture

2:2

NASB, NKJV

NRSV

TEV

NJB, RSV

“Inni furee cubbuu keenyaa ti”

“inni isa Cubbuu keenyaaf aarsaa ta’ee dhiyaatee dha.”

“Kristos karaa ittiin cubbuun keenya nuuf dhiifamuu dha”

“Inni isa cubbuu keenya nurraa kaasuuf aarsaa ta’e dha”

Macaafa qulqulluu hiika afaan Giriikii isa durii keessatti jedhi **Hilasmos** jedhu qadaada qodaa kakuu teessoo haaraa jedhamu agarsiisa Yesuus Waaqayyoo duratti iddoo yakkaa keenyaa of buusee (Cf 4:10; Rom 3:25)

Jedhi kun bara Giriio-Roomaa keessa yaada haarfamuu tokkummaa Waaqayyoo Wajjiin tureef gatii baasuu agarsiisuu fo keessa qaba, Macaafa qulqulluu hiikaa afaan Giriikii isa durii keessatti garuu yaada kana hin agarsiisu (barreessitoonni kakuu haaraa (Luqaas irraan kan hafe) ibroota, afaan Giriikiin barreessan akka ture yaadadhu). Macaafa qulqulluu hiikaa afaan Giriikii fi Ibir 9:5 keessatti “ teessoo araaraa” isa qadaada saanduqaa kakuu isa iddoo qulqullaa’aa turee agarsiisa, iddoon kun iddoo itti guyyaa guddaa itti araari buufamuu sanattii waa’ee cubbuu saba sanaatiif tuntunoon tokko aarsaa ta’ee itti dhiyaatu ture (Cf Lew 16)

Jechi kun akkaataa cubbuu ciigga’uu Waaqayyoo xiqqeessuun utuu hin ta’in nama cubbamaa fayyudhaaf karoora fayyisuu Waaqayyoo qabu haala agarsiisuun hubatamuu qaba. Kitaaba James Stewarq “ Aman in Chirst” jedhamu fuula 214-224 keessatti ibsa gaariitu argama. Karaa ittiin kana guutuun danda’amu tokko dubbicha akka hojii Waaqayyoo karaa Kristos hojjeteetti hiikuu dha. “ aarsaa qooda keenyaaf dhiyaate”

Dubbii kana hiikaa garaa garaa irraa haala adda addaan hubachuun ni danda’ama. Jedhi kun yesus dheekamsa Waaqayyoo qabaneessuu isaa ni agarsiisa (Cf Rom 1:18 ; 5:9; Efe 5:6 : Qol 3:6). Qulqullummaan Waaqayyoo cubbuu ilmaan namaatti ni dheekkama kunis tajaajila Yesuus keessatti caqafameera (Cf Rom 3:25; II Qor 5:21; Ibr 2:17).

Beektonni tokko tokko (C.H.Doddaa) akka yaadanitti ibsi Oromoonni (Griikonni) itti fayyadaman (Cdheekkamsa Waaqayyoo qorrisiisuu/ Qabaneessuu) Waaqayyoof fayyadamuun sirrii miti, kanaaf, yaada “ araaraa” isa tajaajilli Yesuus yakka dhalli namaa Waaqayyoo duratti qabu irratti xiyyeeffachuu isaa agarsiisu filatu (cf Yoh 1:29; 3:16); garuu waa’ee dheekkamsa Waaqayyoo cubbuu irratti qaqquu irratti hin xiyyeeffatan. Haata’u iyyuu malee akka macaafa qulqulluutti lachuun isaa iyyuu sirrii dha.

▣ **“Cubbuu keenya duwwaafis miti cubbuu guutummaa biyyaa lafaa tiifis malee”** kun araara dhuma hin qabne agarsiisa (cf. 4:14; Yoh 1:29; 3:17; 12:47; Rom 5:18; I xim 4:10; Tiitoo. 2:11 Ibr 2:9; 7:25). Wanti biyya lafaa fayyuu dhowwu cubbuu duwwaa utuu hin ta’in amanuu dhabuudhas. Garuu namoonni yeroo hundumaa amantii, yaada garaa geeddarannaa, abboomamuu, fi obsaan danda’uu qabaachuu qabu.

GAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yohannis maaliif jechoota miira shanana agarsiisanitti baay’inaan dhimma ba’a?
2. Jedhoota lakk 7 fi 9 keessatti aarsaa agarsiisan tarreessi
3. Barsiisaa barsiisota sobduu warra Yohaannis ittiin mormuu ibsi
4. Lakk a akkamitti barsiisota sobduu fi amantootaa wajjiin wal qabata.
5. “Qalbii jijjiirranaa (Cubbuu ofii ofii himachuu) ibsii hiika laadhuuf.

1 YOHAANNIS 2:28-3:24

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Ijoollee Waaqayyo (2:28-3:10)	Ijoollota Waaqayyo 2:28-3:3	Amanticha isa dhugaf bitamuu (2:18-29)	Diina Kiristoos (2:18-29)	Akka ijollee Waaqayyotti jiraachuu (2:29-4:6)
2:28-3:3		2:28	2:28-29	
		2:29	Ijoollee Waaqayyo	2:29-3:2
		Walittidhufeenya gocha gaariidhaan ibsamu		
		3:1-10	3:1-3	Haala isa duraa cubbuudhaan addaan ba'uu
	Cubbuu fi Mucaa Waaqayyo			3:3-10
3:4-10	3:4-9		3:4-6	
			3:7-8	
	Barbaachisummaa jaalalaa		3:9-10	
Walii wali keessaan jaalladhaa	3:10-15	Jaalala waliif qabaachuu	Walii walii keessan jaalladhaa	Haala lammaffaa abboommota eeguu, keessaayyuu jireenya
3:11-18		3:11-18	3:11-12	3:11-24
	Jaalala ibsuu		3:13-18	
Ija jabina, Waaqayyo duratti	3:16-23	Wabii kiristiyaanotaa	Waaqayyo duratti jabaachuu	
3:19-24	Hafuura dhugaa fi hafuura dogogoraa	3:19-24	3:19-24	
	3:24-4:6			

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrui qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkk

HIKAA GALUMSAA

- A. Boqonnaan lammaffaan barsiifatoota sobaa irratti xiyyeefata (keessaayyuu warraa Yesuus namummaa qabaachuu isaa morman irratti).
- B. Boqonnaan sadaffaan barsiisota sobaa marreen fayyina (mirkaneeffannaa) seeraa fi safuu (qulqulummaa) irraa addaan baasan itti fufuudhaan kan ibsudha. Utuma ta'uu iyyuu boqonnaan sadaffaan ammas kallattiidhaan ni ibsa.

QO'ANNA JECHAA FI GAALAA

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 2:28-3:3

²⁸Ammas yaa ijoollee ko! Yeroo kiristoos mul'atutti ija jabina akka qabaannu malee, guyyaa dhufa isaatti yeelloodhaan akka hin rifanneef, isumatti jiraadhaa! ²⁹Inni qajeelaa ta'uu isaa erga beektanii, namni waan qajeelaa hojjetu hundinuu immoo mucaa Waaqayyoo ta'uu isaa hubachuu indandeessuu ^{3:1}Abbaan jaalala guddaa hammamii akka nu argisiise mee ilaalaa! Jaalala kanaan nuyi ijoolle waaqayyoo jedhamnee in waamamna; dhugumas nuyi ijoollee isaati. Biyyi lafaa immoo waaqayyoon waan hin beekneef, nu hin beeku. ²Michoota ko! Nuyi amma ijoollee waaqayyooti; isa booddee immoo maal ta'uuf akka jiruu mulataa miti. Haata'u iyyuu malee, yommuu inni mul'atu inni akka jirutti isa arguuf waan jirruuf, akka isaa akka taanu beekna. ³akka kanatti kan isa abdatu hundinuu akkumaisa qulqulluu sanaatti of in qulleessa.

2:28 Warreen macaafa hiikaa gidduu, keyyanni haaraan eegaluu kan qabu 28, 29, yookiin 3:1 irratti ta'uu isaa irratti yaada baay'ee ta'uu jira. Lakk 27fi 28 gidduu irra deebiin sababa jiruuf, tarii keeyyannii kan hiramuu qabu asitti ta'uu danda'a.

▣ “ijoollee” barreeffama 2:1 irra jiru ilaali.

▣ “isuMat jiraadhaa” kun gocha ennaa ammaa kan ajaja mul'isudha. Kun ajaja ennaa ammaa kan kiristiyaanota jajjabeessuuf fayyadudha. (cf.Lakk 15, 24). Mata dureewwan adda kan: Barbaachisummaa jajjabinaa (Yoh 8:31) fi isatti jiraachuu (1Yoh 2 10) jeedhan ilaali.

Maqaamman kanneen qooda maqaatiin ibsaman yeroo baay'ee adda baafachuudhaaf nama rakkisu, keeyyata kana keessatti garuu, salphaatti (mul'inatti) beekamu.

1. “isuMat” lakk 28a-Yesuus
2. “isa irra” lakk 28b –Yesuus
3. “Isaa” Lakk 28b- Yesuus
4. “inni qajeelaa” Lakk 29-Abbaa
5. “Isa irraa dhalachuu”, lakk 29-Abbaa (barreeffama ilaali)
6. “Waaqayyon waan hin beekneef”, 3:2 – Abbaa (ef Yoh 15:21; 16 2-3)
7. “inni mul'atu” 3:2 – Yesuus
8. “akka isaa” 3:2 – Yesuus
9. “Isa arguuf” 3:2 Yesuus

10. “Inni” 3:2 – Yesuus
11. “isa” 3:3 – Yesuus
12. “akkuma isaa qulqulluu sanaatti, “ 3:3 – Yesuus

Yaada, yaada, yaada!

▣ **“yeroo Kiristoos mul’atutti”** enni hima kanaa lakk , 29, akkasumas 3:2 irratti immoo “ yommuu inni mul’atu” kan jedhuu wajjiin tokkodha. Kun gocha hin beekamne utuu hin ta’in, yeroo hin beekamne kan ibsudha. (kakuu haraa keessatti “ abdi” jechi jedhu, (Cf 3:3) akka itti fayyadyadutti).

▣ **“Ija jabina akka qabaanutti”** Afaan Giriikiitti “ ija jabina” (parrhisia) kan jedhu “ bilisa ta’anii haasa’uu” kan jedhu irraa kan dhufedha. Mirkaneeffannoon haala jireenya Kiristiyaanota ammaa isa isaan Wangeela Yesuus Kiristoos beekanii amanuudhaan jiraataniiti.

Mata duree addaa ija jabina jedhu ilaali (Yoh 7:4)

▣

NASB “qaaniidhaan isa duraa akka hin deemneef”
NKJV “akka isa duratti hin qaanofnetti”
NRSV “isa duratti akka hin qaanofnetti”
TEV “qaaniidhaan isa duraa akka hin dhokanetti”
NJB “isa duratti akka hin qaanofnetti”

Kana akkataan nuyi itti hubachuu dandeenyu

1. Amanaan ofuma isaatii yeella’uu (NASB, TEV, NJB)
2. Amanaan yellaasifamuu (NRSV)

Amantoonni dhufaatii Kiristoos eeggachuu, ittis gammaduu qabu, warri ofittummaadhaan jireenya biyyaa lafaa jiraatan garuu mul’achuu isaatti dinqifamuuf, biyya lafaa jiraatan garuu mul’achuu isaatti dinqifamuuf, bitaas itti galuuf jiru’ firdiin amantoota ni jiraata (Cf. 2Qor. 5:10).

▣ **“guyyaa dhufa isaatti”** kun dhufaatii isa lammaffaa kan agarsiisuudha. Jechi, Parovsia. Jedhu kun barreeffamoota Yohaannis hundumaa keessaa asitti qofa kan argamu yammuu ta’u, dhufaatii mootichaa isa murtaa’ee jiru kan agarsiisuudha.

Kun irra keessa yammuu ilaallamu “ hamma parousia tti” jedhuu yammuu ta’u, “ jiraachuu” jechuudha, kunis dhufaatii mootichaa agarsiisa. Jechoonni kakuu haaraa keessatti dhufaatii isa lammaffaa agarsiisan kanneen biroon immoo :

1. *Epiphaneia*, “ fuulaa fuulatti mul’achuu”
2. *Apokalupis*, “ ifa ba’uu”
3. Guyyaa Gooftaa” akkasumas gaaleewwan kana fakkaatan.

MATA DUREE ADDAA: JECHOTA KAKUU HAARAA KANNEEN DHUFAATII KIRISTOOS IBSAN

Guyyaan adda itti ilmaan namootaa Yesuusiin arguuf jiran (akka fayisaa fi akka abbaa firdiitti) barreeffamoota Phaawuloos keessatti karaa baay’eedhaan ibsameera.

1. “ Guyyaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos” (Cf. 1Qor. 18)
2. “ Guyyaa gooftaa” (Cf. 1Qor. 5:5; 1Tasa 5:2; 2 Tas 2:2)
3. “ Guyyaa Yesuus Kiristoos (Cf Fil 1:10; 2:16)
4. “ Guyyaa Kiristoos” (CF Fil 1 : 10:2:16)
5. “ Guyyaa Kiristoos” (cf Fil 1:10; 2 :16)
6. “ Guyyaa isaa (Ilma Waaqayyo)” (cf Luq 17:24)
7. “ Guyyaa itti Ilmi namaa mul’atu” (Cf. Luq 17:30)
8. “ Mul’achuu Gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos” (Cf 1Qor 1:7)
9. “ Yeroo Gooftaan Yesuus Waaqa irraa mul’atutti “ (Cf 2 Tas 1:7)
10. “ Dhufa gooftaa keenya Yesuusitti,isa dura” (Cf 1tas. 219)

Karaan ittiin barreessitoonni kakuu haaraa deebi’ee dhufuu Yesuus mul’isuu yoo xinnaate karaa afurtu

jira.

1. Epiphania, ifa guddaa kan agarsiisuu yommuu ta’u ‘ulfina’ mul’isa 2xim. 1:10 Titos 2 :11 fi 3:4 keessatti dhufaatii Yesuus isa jalqabaa fi isa lammaffaa agarsiisa kana 2 Tasa 4:8 keessattis ni argina, kunis jechoota gurguddoo sadan kanneen dhufaatii isaa lammaffaa agarsiisan kan of keessatti qabudha : 1Xim. 6:14; 2Xim. 4:1, 8 Titos 2:13
2. Parousia, kun immoo jiraachuu kan mul’isu yommuu ta’u, dhufaatii mootichaa kan mul’isudha, jechi kun hunda caalaa baay’inaan kan fayyadamedha.(Cf, Mat 24:32, 37, 39; 1Qor 15:23; 1tas 2:19; 3:13; 4:15; 5:23; 2Tas, 2:1, 8; Yaq5:7, 8; 2Plex.1:6; 3:4, 12; 1Yoh 2:28).
3. Apokalupsis (ykn apocalypsis), kun immoo mul’achuu kan agarsiisudha, kunis maqaa macaafa kakuu haaraa isa dhumaati (Cf.Luq 17:30:1Qor.1:7; 2Tas, 1:7 1Phex 1:7; 4:13)
4. Phaneros, kun immoo gara ifaatti fiduu yookiin mul’inatti mul’isuu yookiin labsuu jechuudha. Jechi kun kakuu haaraa keessatti waa’ee mul’achuu Waaqayyo ibsuudhaaf karaa baay’ee fayyadeera. Kunis akkuma epiphaneia, Dhufaatii Kiristoos isa jalqabaa (Cf 1phex 1:20 1Ja.1:2; 3:5, 8:4:9) fi dhufaatii isaa isa lammaffaa (Cf.Mat 24:30: Qol. 3:4; 1Pilx. 5:4; 1Yoh 2:28; 3:2) mul’isuu ni danda’a.
5. Jechii bay’ee beekamaa ta’e kan erchomai, jedhus “ shufaatii” kan mul’isu yammuu ta’u yeroo baay’ee deebi’ee dhufuu Kiristoos mul’isuuf fayyada (Cf.Mat 16:27-28; 23:39; 24:30:25:31; Ho.Er1 1:10-11; 1Aor 11:26; Mul17, 8)
6. “ Guyyaa gooftaa” (cf.Tas 5:2)kan jedhus kakuu Moofaa keessatti guyyaa Waaqayyo isa kan eebbaa (du’aa ka’uu) fi Firdii kan agarsiisuudha. Kakuu Haaraa hundumtuu kan inni barreeffame akkaataa ilaalcha addunyaa kan kakuu moofaatiini, kun immoo kan inni agarsiisuu
 - a. Dhaloota ammaa isa hamaa fi dida
 - b. Bara haaraa fi kan qajeelummaa isa dhufuuf jiruu
 - c. Bara isa karaa hafuurichaatiin hojii masihichaatiin (isa dibame) dhufe.

Barreessitoonni kakuu haaraa akkaataa Israa’el itti eegdu hamma tokko waan fooyyessaniif, mul’achuu irratti hubannaan Ti’ooloojii barbaachisaadha. Qooda humnaan, akkasumas sabummaadhaan (Israa’el) dhufu masihichaa, dhufaatiiwwan lamatu jira. Dhufaatii inni jalqabaa Waaqayyoo nama ta’ee dhalachuu Yesuus nama Naazireetiin mul’achuu isati. Inni akka loltuutti yookiin akka abbaa seeraatti utuu hin ta’in “ hojjetaa isa dhiphatu” ta’ee dhufe (Isa 53), akkasumas harree irra taa’ee dhufe malee farad lolaa yookiin gaangee ulfina irra taa’ee miti (Zak 9:9) Dhugaatiin inni jalqabaa bara masihichaa isa haaraa akkasumas mootummaa Waaqayyo gara biyya lafaatti fide. Karaa tokkoon yommuu ilaallamu, mootummichi as jira garuu karaa biraatiin immoo amma iyyuu fagoo jira. Muddama dhufaatii masihichaa lamaan gidduu jiru kanatu wal irraa bu’insa baroota yihuudotaa lamaan isaa hin mul’atin yookiin utuu ifa hin ta’iin tureeti (kakuu moofaa irraa). Dhugaan isaa yommuu ilaalamu dhufaatiiin kun lamaan kan isaan mul’isan, YHWH’ ilmaan namaa hundumaa fayyisuudhaaf kutannoo inni qabudha. (Cf.Uma 3:15; Ba’uu 19:5 fi lallaba raajotaa, keessumaayyuu Isaayyaasii fi Yoonaas).

Waldaan Fiixaan ba’uu raajimmaa kakuu moofaa eegaa hin jirtu, sababni isaas baay’een isaanii dhufaatii isa jalqabaa waan mul’isaniifidha. (Cf. *How to Read the Bible for all its Worth*, fuula 165-166). Wanti amantoonni qophaa’anii eegan ulfinaan deebi’ee dhufuu mootichaa moototaa isa du’aa ka’ee, akkasumas Goofticha gooftotaa, akkasumas fiixaan ba’umsa bara haaraa isa kan qulqullummaa lafa irratti akkuma waaqa irratti ta’e ta’uu isaatis (Cf Mat. 6:10) Ibsoonni kakuu moofaa dogoggora hin qaban, hata’u iyyuu malee garuu guutuu miti. Inni akkuma raajonni Humnaa fi aangoo YHWH’iin raajinitti deebi’ee ni dhufa.

Dhufaatiiin inni lammaffaan jedha macaafa qulqulluu miti, garuu yaadni isaa ilaalcha addunyaa akkasumas bu’ura guutummaa kakuu haaraati. Waaqayyo wan hundumaa iyyuu qajeelchee raawwachuuf jira. Walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama fakkaattii isaatti uumamee gidduu jiru deebi’ee haareffamuuf jira. Inni hamaan sun itti faradamee, balleffamuuf jira. Akeekni Waaqayyo hin kufu, kufuus hin danda’u!

2: 29 “erga” kun hima sadarkaa sadaffaa kan haala irratti hundaa’ee yommuu ta’u, gocha ta’uu danda’u agarsiisa. Asitti beekumsa amantootaa fi dogoggoruu barsiiftota sobaa mul’isa.

▣ **“beektanii”** kun akka serlugaatti yommuu ilaallamu, wanta isaan ammuma iyyuu beekan (itti fufiinsa kan qabu) , yookiin immoo wanta isaan amantoonni) beeku qaban kan agarsiisuudha. Akkaataan yohaannis ittiin jecha “ beeku” jedhu fayyadamu, beekumsa warra hafuuricha qaban hundumaa kan agarsiisu yommuu ta’u, beekumsa isaan qabanii fi walitti fufiinsaa kan qabu ta’uu isaa mul’isa.

▣ “inni” lakk 28:2:1 fi 3:7 yommuu ilaalluu kun kan inni mul’isu Yesuusiin ta’uu isaa hubannaa. Haata’u malee, “ mucaa Waaqayyo” kan jedhu Waaqayyo Abbaa kan mul’isu fakkaata, sababaiin isaa gaaleen “ Waaqayyottii dhalatan” jedhu yeroo baay’ee waan mul’atuu fidha. (Cf. 3:9; 4:7; 5:1, 4, !8:Yoh 1:13!

▣ “qajeelaa..... qajeelummaa” kun maatii Waaqayyo keessa amalaa jiraachuu qabudha!

MATA DUREE ADDAA: QAJEELUMMAA

“qajeelummaa”n mata duree baay’ee murteessa ta’ee fi barataan mcaaa qulqulluus dhuunfaatti gadi fageenyaan qorachuu kan qabudha.

Kakuu moofaa keessatti amalli Waaqayyoo “Qajeelaa” yookiin “qulfulluu”jedhamee ibsama (BDB841). Jechi inni Mosopotaamiyaa iyyuu kan inni dhufe, meeshaa ijaarsaa kan ittiin keenyaan manaa qajeelaa ta’uu isaa ilaalu irratti Waaqayyoo jedhichi fakkeenyaan amalli ofii isaatii akka ittiin ibsamuuf fo’ate. Inni golee qajeelaa (geggeessaa) isa wantoonni hundinuu ittiin madaalamanidha. Yaadni kun qajeelummaa waaqayyoo, akkasumas firdii kennuudhaaf aangoo qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Namni akka fakkaattii waaqayyootti uumame (Cf. Uma. 3:15) Ilmaan namaa waaqayyoo wajjiin jiraachuudhaaf umaman. Uumamni hundinuu walitti dhufeenya waaqayyoo fi nama gidduu jiruuf sadarkaadha. Waaqayyoo uumamni isaa inni guddaan (namni), akka isa beeku, isa jaallatu, isa tajaajiluu fi akka isa fakkaatu barbaada! Amanamummaan (abboomamuun ilmaa namaa ni qormama (Cf uma 3) warri jalqabaa sun lamaanis formaaticha ni kufan. Kunis walitti dhufeenyi waaqayyoo fi Ilmaan namaa gidduu jiru akka jeeqamu godhe. (cf. uumama 3; Rom 5:12-21).

Waaqayyo walitti dhufeenya kana akka deebisuuf akka haressuu waadaa galee (Cf.Uma 3:15). Inni kanaa kan hojjete fedha ofii isaatiin, karaa Ilma isaati . Namoonni walitti dhufeenya kana haressuu hin dandeenye (Cf. Rofm. 1:18-3:20)

Kufaatiicha booddee, tarkaanfiin jalqabaa Waaqayyo walitti dhufeenyicha haressuudhaaf fudhatu, yaada kakuu irratti hundaa’ee isa waamicha ofii isaatii irraatti hundaa’ee fi isa ilamaan namaas qalbii jijjiirannaa dhaan, amantiidhaan , akkasumas abboomamuudhaan fudhatniidha. Kufaatiicha irraa kan ka’ee , ilmaan namaa gocha sirrii godhuu hin dandeenye (Cf.Rom. 3:21-31; Gaala.3) Waaqayyo ofuma isaatiin, ilmaan namaa warra kakuu diigan deebisuudhaaf itti gaafatamummaa fudhachuutu irra ture. Inni kana kan raawwate:

1. Ilmaan namootaati karaa hojii Kiristoos hojjeteetiin qajeelummaan mul’isuu (kunis qulqullummaa isa mul’ate)
2. Karaa hojii Kiristoosiin ilmaan namootaatiif qulqullummaa tola kennuu (kunis qulqullummaa kenname)
3. Hafuura isa nama keessa buufatuu fi qajeelummaatti nama geessu ilmaan namaatiif kennuu (kunis Kiristoosiin fakkaachuu, haareffamuu fakkaattii Waaqayyo)

Haata’u malee, Waaqayyo deebii kakkuu barbaada, Waaqayyo tola kenna, ilmaan namaa garuu

1. Qalbii jijjiirannaadhaan
2. Amantiidhaan
3. Jireenya ofiitiin abboomamuudhaan, akkasumas

4. Itti jiraachuu dhaan deebii kennuu qabu, kanas walitti fufiinsaan gochuu qabu.

Kanaafuu qajeelummaan, kakuu irratti kan hundaa’ee fi gochaa gar-lamee kan Waaqayyo fi uumama isaa isa gudicha gidduu jirudha.. Amala Waaqayyo, hojii Kiristoos akkasumas Hafuurichi nama dandeessisuu isaa irratti hundaa’uudhaan namni hundinuu dhuunfaa isaatti walitti fufiinsaan deebii sirrii kennuu qaba. Yaadichi “ amanti fiixaan baafachuu” jedhama, yaadichi wangeelota kessati mul’ifameera, garuu jedhota kanaan miti.

Kun baayinaan kan ibsamee phaawuloosiin yommuu ta’uu, Inni jecha Giriikii “ qajeelummaa” jedhu bifa gaaraagaraatiin yeroo 100 ol fayyadameera.

Phaawuloos, barumsa amantiitiin kan leenji’e waan ta’eef jecha dikaiosuni jedhu, hogbarruu Giriikii irraa utuu hin ta’n jdha SDQ jedhu isa haala Hibruutiin macaafa qulqulluu isa afaan Giriikiitiin

barreeffameetiin fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jeechichi nama wanta waaqnii fi hawaasni irraa eeguuf abboomamuu agarsiisa. Haala Hibruutii immoo yeroo hundaa jechoota kakuu mul'isaniin wal hidhee jira. YHWH n Waaqa qajeelummaa, kan seeraa fi kan safuuti. Inni namoonni isaa amala isaa akka calaqqisiisan barbaada. Ilmaan namaa erga fayyina argatanii uumama haaraa ta'uu. Haaraa ta'uun kun immoo akkaaaa jireenyaa haaraa isa Waaqayyon fakkaatuutti nama geessa (xiyyeeffannoo mirkaneeffannoo Kaatoolikii Roomaa). Israa'el seera amantiitiin buliiwaan tartee safuu uummataa fi fedha waaqayoo gidduu hiramaniif ta'e hin turre. Ibsi kun jedhoo Hibruu fi Giriikii tiin kan bsame yommuu ta'u afaan Ingiligiitti yommuu hiikamuus "Justice" (haqa) (uummataaf) "righteousness" (qajeelummaa) immoo (Amantiidhaaf) fayyadama.

Wangeelli yessuus (Misiraachoon) namni inni kufee ture Waaqayyo wajjiin walittidhufeenya isa jalqabaatti deebi'uu isaa dubbata. Kun kan inni raawwatame galaala, Araaraa fi Ayyaana Abbaa; jireenyaa, du'aa, fi du'aa ka'uu ilmaa; akkasumas gara wangeelichaatti nama geessuu Hafuura qulqulluutiini. Fiixaan ba'umsa fayyinaan kennaa Waaqayyo tola kennuudha. Garuu Waaqayyon fakkaachuunis jiraachuu qaba (yaada ogee---- isa yaada jijjiiramaa, tola kennamuu Wangeelaa calaqqisiisuu fi xiyyeeffannoo kaatoolikii Roomaa jireenya jijjiirame isa kun jaalalaa fi amanti qabaachuu irratti. Warra jijjiirama hordofaniif jechi "Qajeelummaa Waaqayyoo" jedhu hojii nama isa cubbamaa Waaqayyo duratti kan fudhatame gochuu kan mul'isu yommuu ta'u warra kaatolikiitiif immoo adeemsa ittiin caalaatti Waaqayyon fakkaatan kan agarsiisuudha. Qulqullummaa guddachaa adeemu.

Qabatamaatti yommuu ilaalamu garuu yaadni kun lamaanuu fudhatam qaba!!

Akkaataa ilaalcha kootiitti Gutummaan Macaafa qulqulluu uumamaa 4 hanga mul'ata 20 tti adeemsa Waaqayyo walitti dhufeenya isa Eden sana deebisuudhaaf adeeme kan agarsiisuudha. Macaafni qulqulluun walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama gidduu jiru haala lafa irratiin ibsuudhaan jalqaba (Cf. uma 1-2), akkasumas haaluma wal fakkaatuun xumurama (Cf mul 21-22) Fakkaattiinii fi kaayyoon Waaqayyo deebi'ee haareffamuuf jiraa!

Waantoota armaan olitti ibsaman guduunfuudhaaf, barreeffamoota kakuu haaraa keessaa filataman kanneen gare jecha Giriikii mul'isan qalbifadhu.

1. Waaqayyo qajeelaadha. (yeroo baay'ee Waaqayyo Abbaa firdii ta'uu isaatiin wal-qabata)
 - a. Rooma 3:26
 - b. 2Tasaloniquee 1:5-6
 - c. 2 Timootewoos 4:8
2. Yesuus qajeelaadha.
 - a. Hojii ergamootaa 3:14; 7:52 ; 22:14 (muudama Masihii)
 - b. Maatiwoos 27:19
 - c. 1Yohaannis 2:1 29; 3:7
3. Akeekni Waaqayyo uumama isaatiif qabu qajeelummaadha.
 - a. Lewwota 19:2
 - b. Maatewoos 5:48 (Cf.5:17-20)
4. Karaa waaqayyoo ittiin qajelummaa uumuu fi kennuu
 - a. Roomee 3:21-31
 - b. Roomee 4
 - c. Roomee 5:6-11
 - d. Galaatiyaa 3:6-14
 - e. Waaqayyon kan kenname
 - 1) Roomee 3:24; 6:23
 - 2) 1 Qoronxoos 1:30
 - 3) Efesoon 2:8-9
 - f. Amantiidhaan kan fudhatamu
 - 1) Roomee 1:17; 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
 - 2) 2Qoronxoos 5:21
 - g. Karaa hojii ilmatiin
 - 1) Roomee 5:21
 - 2) 2Qoronxoos 5:21

3) Filiiphsiyuus 2:6-11

5. Fedhii Waaqayyo warrii isa duukaa bu'an qulqulloota akka ta'anidha.
 - a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
 - b. Roomee 2:13; 5:1-5; 6:1-23
 - c. 1ximootewoos 6:11
 - d. 2ximootewoos 2:22:3:16
 - e. 1Yohaannis 3:7
 - f. 1pheexiroos 2:24
6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti faraduuf jira
 - a. Hojii ergamootaa 17:31
 - b. 2ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyo isa nama cubbamaadhaaf karaa iristoos kennameedha. Qajeelummaan

1. Abboommii Waaqayyoti
2. Kenna Waaqayyoti
3. Hojii Kiristoosi

Garuu kan bal'inaan fudhatamuu qabu qajeelummaan akkasumas adamsa ittiin Waaqayyon fakkaachutti guddatan ta'uu isaati kunis guyyaa tokko dhufaatii isaa lammaffaa irratti ifa ba'uuf jira. Walitti dhufeenyi Waaqayyo wajjiin jiru yeroo fayyanitti deebi'e namaaf haara'a garuu du'a booddee yookiin parousia ttifuulaa fuulatt walitti dhufuuf jireenya keessatti walitti fufiinsaan guddachaa itti fufa.

Armaan gaditti waraabii gaarii tokki dhimma kana gudduunfuudhaaf dhiyaateera. Waraabbiin kun kan inni fudhatame, Galmee jedhootaa phaawuloosii fi xalayoota isaatii, IVP irratti "kalviin, Luutar caalaa, bia walitti dhufeenyaa Qabaachuu qulqulummaa Waaqayyo irratti xiyyeeffata. Ilaalchi luutar qajeelummaa Waaqayyo irratti qabu bifa cubbuu namaa namaaf dhiisuu waan of keessaa qabu fakkaata. Kalviin garummaa walitti dhufeenychaa yookiin qajeelummaan Waaqayyo nuuf ennamuu isaa irratti xiyyeeffata.(fuula 8:34).

Akkakootti walitti dhufeenyii Waaqayyo fi nama gidduu jiru bifa sadii qaba.

1. Wangelichi nama (xiyyeffanno waldaa ishaa bahaa fi kalviin)
2. Wangeelichi dhugaadha(Xiyyeeffannoo Oogastiinii fi Luutar)
3. Wangeelichii jireenya jijjiiramedha (xiyyeeffannoo kaatoolikii)

Kaneen kun hundumtuu dhugaadha, jireenyaa kiristiyaanummaa fyaa qabeessa, cimaa fi macaafa qulqulluu irratti hundaa'eeffis wal-duukaa ilaalamuu qabu/ Tokko illee yoo keessaa akka malee ol kaafam yookiin gadi buufame, rakkoowwantuu uumamaa.

Nu'i Yesuusii simachuu qabna!

Nuyi wangeelicha amanuu qabna!

Nuyi Kiristoosiin fakkaachuu duukaa bu'uu qabna!

☐ **“Dhalachuu”** kun haala dhaabbataa qaama alaatiin Waaqayyo abbaa dhaan dhufee kan agarsiisuudha. (Cf yoh 3:3). Jecha wal fakkaataa kan biro, kan kiristiyaanummaa jireenya maatii ta'uu isaa ibsu isaa (Cf.3:1) irra jiru qableeffadhu. Barreeffama 3:1d irra jiru ilaali.

3:1 “Jaalala guddaa hammamii akka nu agarsiise” mee ilaalaa jechoonni jaalalaa iddoo kana akkasumas 1 yohannis guutummaa isaa keessa jiran agapao (xumura) yookiin agape(maqaa, Cf 2:5, 15; 3:1, 16, 17; 4:7, 8, 9, 10, 12, 16, 17, 18; 5:3) dha. Jechi kun Giriikii durii keessatti fayyadaa ture, garuu yeroo baay'ee miti. Waldaan durii akkaataa Wangeelaatiin waan fooyyessite fakkaata. Kunis jaalala isa gadi fagoo fi jiraataa kan mul'isudha. “sanyii jaalala Waaqayyo isa ofii isaa namaaf kennu” jechuun sirrii miti, sababiin isaas Wangeela Yohaannis keessatti ibsi kun Phileo (Cf. 5:20; 11:3, 36; 12:25; 15:19; 16:27; 20:2:21:15, 156, 17) wajjin haala wal fakkaatuun fayyada. Haata'u malee, 1Yohaannis keessatti yeroo hundaa jaalala amantoonni walii walii isaaniitiif qaban agarsiisuuf fayyaduun isaa waan naMat toludha. Amantiin Yesuusitti qabnuu fi walitti dhufeenyi nuyi isaa wajjiin qabnu, walitti dhufeenya nuy waaqaa fi nama wajjiin qabnu ni jijjiira!

▣ **“abbaan akka nu agarsiise”** akkaataa fayyadama enna kanaa, Waaqayyo Kiristoos keessaan fayyina kenuu isaa tiin kan wal-qabatu yommuu ta’u, dooktiriinii eegumsa/nagaa amantootaatiif hundee macaafa qulqulluuti (Cf.Yoh 6:35-40, 10:1ff; Efe 2:5, 8:3:14:5:1). Mata duree addaa fayyina kiristiyaanummaa jedhu ilaali Joh 6:37.

MATA DUREE ADDAA: FIYYINA NAMAATIIF RAGAAWAN KAKUU HAARAA

Kun kakuu isa haaraa yesuusitti godhamu (Cf. er.31:31-34; Hisq, 36:22-38) irratti kan hundaa’e dha.

1. Amala Abbichaa (Cf.Yh 3:16), hojii ilmichaa (Cf. Rom.8:14-16 hojii namaa irratti kan hudaa’u miti, gatii sababii abboomamuu namaatiif kennamuu miti.
2. Fayyinni kennaadha. (Cf Rom.3:24; 6:23; cfe.2:5, 8-9)
3. Kun jirenya haaradha, ilaalcha haaraadhas (cf.yaaqoob fi 1Yohaannis)
4. Fayyinni beekumsa (Wangeelicha), duukaa bu’uu (Yesuusti, yesuusii wajjin amantii qaaaachuu) akkasumas akkaaaa jirenya isaa haraa (hafuurichaan geggeeffamanii kiristoosiin fakkachuu) kun sadanuu wl duukaa jiraachuu qabu, tokkooyyuu kophaa isaa hin ta’u.
5. Qormaataa fayyina dhugaa, akkaataa hikkaa galumsaatiin 1Yoh 2:3-3:3, C. irraa ilaali.

▣ **“in waamamna”** kun Aboo “ ijoollee waaqayoo” ta’uu kan Waaqayyon kennamu kan agarsiisuudha.

▣ **“ijoollee Waaqayyo”** kun xiyyeeffannoo 2:29-3:10 ti kunis Waaqayyo waa’ee fayyina keenyaatiif qooda inni qabu kan mirkaneessuudha. (Cf.Yoh 6:44, 65). Yohaannis walitti dhufeenya haaraa isa amantoonni Waaqaa wajjiin qaban agarsiisuudhaaf jedhoota walitti dhufeenya maatii agarsiisan fayyaadama (Cf.2:29; 3:1, 2, 9, 10; Yoh 1:12)

Yohaanis (Cf. Yoh 3:3) fi Phexiros (Cf/ 1Phex 1:3, 23) jecha walitti dhufeenya maatii agarsiisu kan “ lammaffaa dhalachuu” yookiin “ olii dhalachuu” jedhu kan fayyadaman yommuu ta’u, phaawuloos immoo jeha “ ilmumaatti guddifamuu” (Cf, Rom 8: 15, 23; 9:4: Gal 4:15 efe 1:5) fayyadama, akkasumas Yaaqoob immoo jedha “ Dhalachuu” (Cf, Yaq 1:18) jedhu walitti dhufeenya amantoonni karaa Kiristosiin Waaqayyo wajjiin qaban agarsiisuudhaaf itti fayyadama. Kiristiyaanummaan jirenya maatiiti.

▣ **“dhugumas nuyi ijoollee isaati”** Gaaleen kun hiikaa “ kingjames” keessatti hin argamu, sababiin isaas hiikaan “ king James Barreeffamoota Griikii (kunis K fi L) irratti kan hundaa’e yommuu ta’u gaaleen kun immoo barreeffamoota kana keessatti hin argamu. Haata’u malee, gaaleen kun barreeffamoota Griikii durii baay’ee isaanii keessatti ni argama (P⁴⁷, x, AmB fi C) kanaafis UBS⁺ irratti jiraaahuu gaalee kanaatiif sadarkaan A’n keenneeraaf.

▣ **“biyyi lafaaa immoo Nu hin beeku”** jedhi “biyya lafaaa” jedhu kun akkaataa Ti’ooloojiitiin isa 2:15-17 irra jiruu wajjiin haala tokkoon kan fayyadamedha. Biyyi laaa, hawaaa namaa kan gurmaa’ee fi karaa Waaqayyo ala kan adeemu agarsiisa (Cf.Yoh15:18:-19; 17:14-15). Iddoo nuyi Kiristoos keessatti qabnuuf wanti ragaa ta’u inni biroon immoo jibbamuu fi ari’atamuu biyya lafaa irraa nu irra ga’udha. (Cf. Mat.5:10-16).

▣ **“Biyyi lafaa immoo Waaqayyon waan hin beekneef”** kun mul’inatti Waaqayyo Abbaa kan agarsiisuudha, sababiin isaa immoo wangeela Yohaannis keessatti Yesuus irra deddeebi’ee biyyi lafaa abbaa akka hin beekne dubbateera (Cf, Yoh 8:19, 55; 15:18, 21; 16:3). Qoodonni maqaa 1Yoh kessa jiran ifa miti (barreeffama 2:28 irraa jiru ilaali). Akka lalumsa kanaatti, kun dhaabatuuf Waaqayyo abbaadha, garuu akkaataa Ti’ooloojiitiin yommuu ilaalamu (lakk.2) ilma agarsiisa. Haata’u malee, ergaa Yohaannis keessatti ifa ta’uu diduun kan ta’e jedhamee waan godhame ta’uu danda’a sabaabiin isaa, Yesuusiin arguun Abbaa arguudha (Cf.Yoh 12:45; 14:7).

3:2 “Isa booddee immoo mal ta’uuf akka jiruu mul’ataa miti” kun yohaannis wantoota yeroo dhumaatti ta’an (Cf, Ho. R 1:7) yookiin akkaataa qaama isa du’aa kaafamee (Cf.1 Qor.15:35-49) sirriitti ibsuu dhabuu isaa kan dubbatudha. Akkaasumas kun wanti 2:27 irratti caafame wanta hundumaa raawwatanii beekuu jedhuu akka hin taane agarsiisa. Waa’ee yeroo dhuma kana hammi Yesuus yeroo foon uffatee biyya lafaa irra turetti beeku iyyuu kan murtaa’e ture (Cf. Matt. 24:36; Marf 13:22).

▣ **“Yommuu inni mul’atu”** jechi “ yommuu” jedhu, hima sadarkaa sadaffaa kan haala irratti hundaa’e agarsiisa kunis iddoo kanati kan fayyadameef, dhufaatii inni lammaffaan jiraachuu isaa irratti gaaffii kaasuuf utuu hin ta’in, guyyaan isaa akka hin beekamne ibsuudhaafi. Yohaannis, fayyinni guutummaatti amma ta’uu isaa irratti haa xiyyeefatu malee, dhufaatii isaa lammaffaas egaa ture.

▣ **“akka isaa akka taanu beekna”** kun Kiristoosiin fakkachuun keenya ifa ba’uu isaa of keessaa qaba(Cf. 2Qor.3:18; efe 4:13; Fil 3:21; fi Qol 3:4). Kun yeroo bay’ee “ gara ulfinaatti geeffamuu” jedhama (f Rom 8:28-30) Kun duma fayyina keenyaati! Jijjiiramuun kun Bifni Waaqayyo in nama keessa jiru namota warra bifa isaatti uumaman keessatti guutummaatti haareffamuu isa kan agarsiisudha. (Cf. Uma 1:26; 5:1, 3; 9:6). Waaqayyo wajjiin walitti dhufeenya sanyi isaa jalqabaatti deebiun ni danda’ama!

▣ **“Inni akka jirutti isa arguuf waan jirruuf”** Iyyoob Waaqayyon arguuf Obsaan turee isa eeggate (Cf. Iyob 19:25-27) Yesuus warri laphee qullaa’aa qaban Waaqayyon arguuf akka jiran nutty himeera(Cf Mat5:8). Akka inni jirutti isa arguu jedhuun nu’i gara isa fakkaachuutti jijjiiramuuf jirra jechuudha. (Cf.1Qor. 13:12) kun Amantoonni Dhufaatii isa lammaffaatti gara ulfinaatti ol fudhatamuu isaanii kan agarsiisuudha, (Cf. Rom 8:29)” Fiixaan baafachuu” jechuun adaba Cubbuu jalaa walaba ba’uu erga ta’ee “ gara ulfinaatti geeffamuu” jechuun immoo jiraachuu cubbuu jalaa bilisa ba’uu jchuudha!

3:3 “Hundinuu” jedhi Giriikii pas jedhu, 2:29 hanga 3:10tti yeroo torba argama. Wanti adda hin jiru. Yohaannis dhugaa burree, gurraachaa yookiin adii jedhuudhaan qooda. Namni tokko yookiin mucaa Waaqayyo, yookiin immoo mucaa seexanaati (Cf 2:29; 3:3, 4, 6 (si’a lama), 9, 10).

▣ **“abdatu”** Phaawuloos keessatti jechi kun yeroo bay; ee guyyaa du’aa ka’uu mul’isa (Cf, Ho.er 23:6; 24:15; 26:6-7; Rom 8:20-25; 1Tas.2:19; Titos 2:23; 1Phex.1:3, 21). Kun, a ta’iin kun shakkii kan hin qabne ta’uu saafi yeroon isaa garuu ifa kan hin taane ta’uu isaa agarsiia.

Yohaannis waa’ee “ Abdii” dhufaatii isa lammaffaa, akka barreessitoota kakuu haaraa warra kaanii baay’inaan hin dubbatu. Jedha Abdii kana barreeffamoota isaa keessa iddoo kanatti qofa argina. Yohaannis bu’aa fi jiraachuu” rratti xiyyeefata! Haata’u malee Inni guyya isaa dhumaatti isa hamaa sanatti faradamuu isaa(Cf.2:18) fi ulfeeffamuu Amantootaa (Cf 3:1-3) hin eegu jedhuu miti.

▣ **“akkuma isa qulqulluu sanaatti of in qulleessa”** Qullaa’uummaan barbaachisaadha. (cf Matt 5:8, 48) Nuyi addeemsa qulqulleessuu keessatti qooda fudhachuu qabna (Cf, 2Qor. 7:1; qooda nyi fayyina keenya fiixaan baafachuu keessatti qabnu dubbatu jedhuudha. Garaagarummaa akkasii kan qooda Waaqayyo fayyina keenya keessatti qabu(walabummaa) fi qooda nuyi qabnu (Fedha namaa agarsisuu hisq 18:31 fi 36:26-27 wal bira qabani ilaaluudhaan hubachuun ni danda’ama. Yeroo hundumaa waaqayoo jalqaba ofitti nama waama (Cf, Yoh 6:44-65), gaaruu inni sabni kakuu isaatii dursanii qalbii jijjiirachuu fi amantiidhaan, akkasumas qalbii jijjiirachuu, amantii, abboomamuu, tajaajiluu, waaqesuu, fi qullaa’ummaa walitti fufiinsa qabuun waamicha isaa akka fudhatan barbaada.

Kun kadhannaa yessuuus luba lubootaa (luba isa ol’aanaa kan agarsiisu ta’u danda’a. Inni of qulqulleesseera, duuka buutonni isaas of qulqulleessu. Waantumti hundeen isaa tokko ta’ee bifa garaa garaatiin ibsamuun isaa hamma tokko wanta nama dinguidha.

1. Yoh 17:17, 19-hagizi (hagias, cf, hoh 10:36)
2. 1Yoh 3:3-hagnio(hagnos, cf.Hoh 11:55)

HAALA HIIKAA GALUMSAATIIN YOMMUU ILAALLAMU 3:4-10

- A. Barreeffamni kun waa’ee jireenya sirrii jiraachuu kiristiyaanaa (Cf.Rom 6), is yeroo tokko tokko guutummaatti qulqullaa’uu jedhamuu (Cf. Rom 7) isaatii irratt kan wal nama mormisiisuu ture.
- B. Beekumsa Ti’ooloojii keenyaatiin hiikaa barreeffama kanaa (exegesis) irraan dhiibbaa ga’uu hin qabu. Akkasumas, hamma barreeffama kana kophaa isaatti qo’anee xumurrutti wanta Yohaannis boqonnaa 3 keessattis akkasumas 1Yohaannis guutummaa isaa keessatti jechaa tures hamma jala murmee barrutti, barreeffamoonni kan biraan barreeffama kana irran akka dhiibbaa ga’aniif hayyamuufii hin qabnu!

- C. Barreeffamni kun galma amantoonni hundi eeggatan kunis, guutummaatti cubbuu irraa fayyuu ifatti kan agarsisuu dha. Yaadumti kun Rom 6 keessaattis dhiyaateera. Nu’i karaa human Kiristoos. Cubbuutti adda baanee jiraachuu ni dandeenya.
- D. Haata’u malee barreeffamni kun yaada guutummaa ergaa Yohaannis (1Yohaannis) keessatti hammatamuu qaba.
2. 1:8-2:2 tiif utuu ilaalcha hin laatiin barreeffama kana hiikuun gowwummaa ta’a.
 3. Barreeffama kana kaayyoo 1Yohaannis, isa fayyinni guutummaatti amma kan argamu ta’uu isaa ibsuu fi yaada barsiiftota sobduutiin mormuun haala walitti bu’uun hiikuunis gowwuummaadha.
 4. Barreeffamni kun yaada barsiiftota sobduu isa cubbuu malee jiraachuu yookiin cubbuun akka rakkina hin qabne ibsuu wajjiin walitti dhufuu qaba. Barreeffamni 1:8-2:2 tti jiru yaad abarsiiftota sobduu is agama tokkoo, 3:1-10 tti kan jiru immoo is agama kaanii kan ibsu ta’uu danda’a. Xalayyoota ((ergaawwan) kakuu haara hiikuun, akka gartokkee haasaa bilbilaa dhageeffachuu ta’u isaa yaadadhu.
- E. Barreeffamoota kana lamaan gidduu walitti dhufeenya fallaatu jira. (paradox relationship) Kakuu haaraatti rakkoo irra deddeebi’ee mul’atudha. (Cf.Rom 7)>. Kun garaagarummaa Loqodaa kan akka fedhaa fi dursee murtaa’uu yookiin of eeggachuu fi eegumsaa uuma. Yaadni fallaan kun (paradox) madaallii ti’ooloojii kan uumu yommuu ta’u, yaadota warra keessa ba’oo immoo ikan mormudha. Barsiistonni sobduun waa’ee Cubbuu ilaalchisee yaada dogogoraa lama dhi’eessaa turan.
- F. Ibsi Ti’ooloojii kun guutummaan isaa garaagarummaa waantoota armaan gaditti tarreeffamanii karaa hin taaneen hubachuu irratti kan hundaa’eedha.
1. Iddoo nuyi Kiristoos keessatti qabnu
 2. Carraaqii nuti iddoo Kiristoos keessatti qabnu kana qabatamaatti jireenya guyyaa guyyaa keessatti guunnee argamuuf goonu
 3. Guyyaa tokko mo’ichi kan keenya ta’uuf akka jiru waadaa nuuf galame!
Nuyi Kiristoos keessatti adaba cubbuu irra bilisa (mirkaneeffannoo), haata’u malee ammayyuu human isaa wajjiin wal’aansoo qabna (of qulqulleessuu walitti fufuiinsa qabu), guyyaa tokko immoo jiraachuu isaa jala bilisa ba’uuf jirra (gara ulfinaatti fudhatamuu)/ Kitaabni kun guutummaan isaa dursa cubbuu keenya amanuu fi cubbuu kan hin qabne ta’uuf immoo dhama’uu barsiisa.
- G. Filannoo kan biraan immoo hogbarruu Yohaannis kan bifa lama qabu irra dhufa. Inni garee gurraachaa fi adiidhaan barreesse (barreeffamoota galaana soogiddaa keessattis ni argama). Akka Isaatti namni tokko Kiristoos keessa yoo jiraate qajeelaa dha, yoo seexana keessa jiraate immoo cubbamaadha. Hiramni sadaffaan hin kaa’amne. Kun jireenya kiristiyaanummaa isa aadaa, kan yeroo muraasaa, kan guyyaa sanbataa, kan dabalataa, kan aayyaanaa dhummaas ta’eef “ bilbila, ’Ka’I” jedhuudha.
- H. Wabiiwwan tokko tokko barumsa ulfaataa karaaf;
1. Barreeffama kana irratti hiikaawwan moofaa torbaniif “ The Epistles of John” . The Tyndale New Testament commentaries kan Johan R.W. stott, barreessee fi Eerdamn’s dhaan maxxanfame (fuula 130-136) ilaali
 2. Waa’ee jireenya sirrii irratti yaada gaarii argachuudhaaf, Christian Theology, Vol.II, fuula 44off kan H.Orlon Willie.dhaan barreeffamee fi Beacon Hill preessdhaan maxxanfamee ilaali.
 3. Dooktiriinii cubbuun jireenya kiristiyaanaa keessatti itti fufuu isaatii irratti ibsa gaarii argachuudhaaf “ perfectionism” kan B.B. Warfield barreessee fi Presbyterian and Reformed published companydhaan maxxanfame ilaali.

QO’ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 3:4-10

⁴Cubbuu kan hojjetu hundinuu seera malee in jiraata cubbuunis seera malee jiraachuu dha. ⁵Kiristoos cubbuu balleessuudhaaf akka mul’ate in beektu; inni garuu cubbuu hin qabu. ⁶Egaa namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hihh hojjetu; namni cubbuu hojjetu hundinuu garuu isa hin

argine, isa hin beeknes. ⁷yaa ijoollee koo, homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin! Inni sun qajeelaa akka ta'e, namni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjetee, namni cubbuu hojjetu kan seexanaati; ilmi Waaqayyoo immoo hojii seexanaa diiguudhaan mul'ate. ⁹Namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu, sanyii Waaqayyoo waan ta'eef cubbuutti qabamee hin jiraatu; mucaa Waaqayyoo waan ta'efis cubbuutti qabamee jiraachuu hin danda'u. ¹⁰Namni waan qajeela hon hojjenne, obboleessa isaa hin jaallannes hundinuu, kan Waaqayyoo miti; ijoolleen Waaqayyoo fi ijoolleen seexanaas kanaan in beekamu.

3:4

NASB “Namni cubbuu hojjetu hundinuu seera malee jiraata”

BKJV “Namni cubbuu raawwatu hundinuu, seera dhabdummaa raawwata”

NRSV “Namni cubbuu hojjetuu hundinuu, itti gaafatamummaa seeraa malee jiraachuu of irraa qaba”

TEV “Namni cubbuu raawwatu hundinuu, seera Waaqayyoo cabsuu isaatiin yakkamaa dha.”

NJB “Namni cubbuu raawwatu hundinuu, jal'inatti jiraata”

Qoodni Maqaa “ Namni hundinuu” jedhu iddoo kanattii fi lakk 6 keessatti argama. Haala kanaan kan inni ibsu sanyii namaa hundumaati! Kunis gocha eenna ammaa kana walitti fufiinsa qabu kan agarsiisuudha. Xumurtoota eena ammaa kana enna isa 2:1-2 tti jiru irra adda kan godhu, gocha yeroo ammaa, kan walitti fufiinsaan godhamuu fi akkaataa jireenyaa ta'e agarsiisuu isaaniiti. Haata'u malee, rakkinni Ti'ooloojii barreeffama kana (1:7-10 fi 3:6-9 walin madaali) xumuraafi eena qofaan guutummaatti hiikamuu hin danda'u.kan inni hiikamuu danda'u, seeraa barsiiftota sobaa kana lamaanii, akkasumas guutummaa yaada macaafichaa hubachuudhaani.

Wanti kan biraan barreeffama kana keessatti arginu jedha “ seera malee jiraachuu” jedhu fayyadamuu isaati. Kun waa'ee seera cabsuu miti seera Muse yookiin safuu uummataa), bifa diddaa (fincilaa) kan agarsiisuu hamma ta'etti jechumti kun 2 Tass.2:3, 7 irratti warra Kiristoosiin morman agarsiisuuf fayyadeera. Jedhi kun malummaa cubbuu guutummaatti kan ibsu ta'uu danda'a (Cf. Yoh 9:4; Rom 14:23; Yaq 4:17; 1Yoh 5:17), Kunis faallaa Kiristoosiin fakkaachuuti (Cf. Lakk:5), malee seera yookiin safuu cabsuu qofa miti.

3:5 “Kiristoos akka mul'ate” kun Yesuus biyya lafaa irratti mul'achuu isaa kan dubbatudha. (Cf. lakk 8.2 xim 1:10) jedhumti phaneroi, jedhu kun lakk 2. Irratti dhufaatii isaa isa lammaffaa agarsiisuudhaaf sia'a lama fayyadeera. Inni jalqabaa akka fayisaatti dhufe (Cf. Marq 10:45; Yoh 3 :16; 2Qor 5:21), yeroo deebi'ee dhufu garuu firdii kennuudhaaf dhufa! Barsiisaan koo ani baay'ee jaalladhu tokko(Bill Hendricks) hiika macaafa qulqulluu isatii kan The Letters of John jedhu irratti, kan kanatti aanee jiru dubbata.

“ Lak 8 keessatti waa'ee kaayyoo dhufaatii Kiristoos kan ibsan wantoota gurguddoo lamatu jira. Inni cubbuu biyya lafaa irraa fuudhuudhaaf (3:5) Waaqayyon ergame, akkasumas Inni hojii seexanaa diiguudhaaf mul'ate (38) Iddoo kaanitti Luqaas kaayyoon dhufaatii Yesuus warra badan barbaadee fayyisuu (Lu 19:10) ta'uu isaa barreesseera. Wangeelli Yohaannis immoo, Yesuus Hoolonni isaa jireenya irraa hafa akka qabaataniif dhufuu isaa dubbata (Yoh 10:10). Maatewoos maqaa Yesuus jedhu yommuu hiiku, Inni saba isaa cubbuu isaaniittii in fayyisa (Mat 1:21) jedhee hike, kunis kaayyoo dhufaatii Yesuus kan agarsiisuudha. Dhugaan qabatamaan ibsoota kana hundumaa keessa jiru, Yesuus Kiristoos wanta namni ofii isaatiif hojjetachuu hin dandeenye tokko namaaf hojjechuu isaati (fuula 79-80).

▣ **“cubbuu balleessuudhaaf”** Gochii kun deebii namni kennuu (kunis, qalbii jijjiirachuu fi amantii) irratti hundaa'a. Barreeffama kana dugda duubatti deebinee yoo ilaalla, ebarreeffamoota lamaa wajjiin wal qabata.

1. Guyyaa araaraa (Cf. Lewwota 16) is itti hoolaan inni tokko malattoodhaan cubbuu waldoota Isaa'el irraa fuudhu (Cf. Yoh 1:29 irratti Yohaannis cuuphaan akka fayyadametti)
2. Wanta Yesuus Fannoo irratti hojjetu kan agarsiisu (Cf Isa. 53:11-12; Yoh 1:29; Hib 9:28; 1phex 2:24)

▣ **“Inni garuu cubbuu hin qabu”** kun enna ammaa kan agarsiisuudha. Yesuus Kiristoos cubbuu kan hin qabne ta'uun isaa (cf. Yoh 8:46; 2Aor 5 21; Hib 4 :15 ; 7:26; 1phes 1:19; 2:22) iddoo keenyaa bu'ee nuuf dhiphachuu isaafi nu fayyisuu isaaf bu'ura (isa 53)

“Cubbuu” kan jedhu gara jalqabaa lakk 5 irratti baay’na kan agarsiisuu yommuu ta’u, gara dhuma isaatti immoo qeenxee kan agarsiisuudha, inni lammaffaan immoo amala isaa isaa isa qajeelaa agarsiisa. Galmi kanaa, Amantoonni qullaa’ummaa isa karaa Kiristoos argatanis, qulqullummaa isa itti guddachaa adeemanis akka isaan hirmaatanidha. Cubbuun amala Kiristoosii fi amala duuka buutota isaatii miti.

MATA DUREE ADDAA: MATA DUREE ADDAA: QULQULLAA’UU

Kakuun Haaraa, cubbamooni yeroo gara Yesuusitti qalbii jijjiirachuu fi Amantiidhaan deebi’an, yeroo ofuma fayyina akka argatanii fi akka qulqullaa’an nu hubachiisa. Kun iddoo haaraa isaan Kiristoos keessatti qabanidha. Qajeelummaan isaa gara isaaniitti darbeera. (Cf. Rom 4). Isaan qajeelotaa fi qulqulloota ta’uun isaanii beekameera. (hojii Waaqayyoo tola hojjetu)

Garuu kakuu haaraan amantoonni qulqullummaatti jiraachuu akka qabanis in dubbata. Kun iddoo ti’ooloojii isa amantoonni hojii isa kiristoos xumure keessatti qaban, akkasumas amala fi jireenya guyyaa guyyaatiin kiristoosiin fakkaachuutti waamamuudha. Fayyinni akkuma kenna ta’ee fi gatiin isaa haala jireenya ofii hundumaa ta’ee qulqullaa’uunis akkuma kanadha.

Deebii jalqabaa

Ho er 20:23; 26:18
 Romee 15:16
 1Qoronxoos 1:2-3; 6:11
 2Tasaloniqe 2:13
 Hibroota 2 : 11; 10:10, 14; 13:12
 1Phexros 1:12

Kiristoosiin fakkaachuutti guddachaa adeemuu

Roomee 6:119
 2Qor 7:1
 Efeson 1:4; 2:101
 1Tasa 3:13; 4:3-4, 7; 5:23
 1Xim . 2:15
 2 xim 2:21
 Hib 12:14
 Phex 1:15-16

3:6 “ Namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hin hojjetu” enni dubbii kanaa sanyii isaa 3:4, irratti, Barreeffamni kun 1:8-2:2 fi 5:16 wajjiin wal bira qabamee ilaalamuu qaba.

☐ **“Namni cubbuu hojjetu hundinuu garuu isa hin argine, isa hin beeknes”** Lakkoobsi kun gocha enna ammaa tokko kan gocha ennaa xumurramee lamaan hordofame of keessaa qaba. Cubbuu beekamaa walitti fufanii hojjechuun, namni tokko Kiristoosiin akka hin beeknee fi isa beekes akka hin beekne agarsiisa. Kiristiyaanonni cubbuu hojjetan

1. Kaayyoo Kiristoos dura dhaabbatu
2. Galma Kiristoosiin fakkaachuu dura dhaabbatu
3. Ijoollee eenyuu akka ta’an mul’isu (Cf Ylh 8:44)

3:7 “homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin” inni dubbii kana wanta ta’aa jiru dhaabuu agarsiisa. Barsiiftonni sobduun jiraachuun isaanii (Cf 2:26) 1 yoh guutummaatti lakkoobsota 1:7-10 fi 3: 4-10 tti jiraa immoo adduMat hubannaa ti’ooloojii sirrii ta’ee akka ilaalluuf haala seena qabeessa lafa nuuf kaa’a

“ Namni waan qajeelaa hojjetu qajeelaadha.” Lakkoobsi kun hiikaa galuumsa walii glaa keessaa baafamee, haala dooktiriinii (“ qajeelummaa hojii”) deggeruu dhaaf, yookiin ceepha’uudhaaf ooluu hin qabu. Kakuu haaraan , ilmaan namaa fedha ofii isaaniitiin dandeettii ofii isaaniitiin) Waaqayyo isa qulqulluutti dhi’aachuu akka hin dandeenye ifa godhaniin fayyan miti. Haata’u malee, namni waamicha fayyinaa isaa Waaqayyo karaa hojii Kiristoosiin itti isa waameef deebii kennuu qaba. Dhamaatiin nuti goonu gara Waaqayyotti nu hin fidu. Isa arguu keenya agarsiisa. Yaaliwwan nuti goonu haala Hafuura (Cf Mul 22: 11) nuti keessa jirruu fi bilchina nuti erga fayyinaa argannee mul’isu. Nuti hojii gaariidhaan fayyine miti garuu hojii gaariitti fayyine. Galmi kenna ta’ee Waaqayyo karaa kisristoos kennee, amantoota Kiristoosiin fakkaatanii dha. (Cf/Efe.2:8-9, 10). Fedhi Waaqayyo amanaa hundumaaf qabu erga du’ee booddee akka inni biyyaa Waaqarraa dhaalu qofa utuu hin ta’in, amma utuu lafa irra jiruu Kiristoosiin akka fakkaatu dha. (Cf.Mat.%.48; Rom 8 : 28-29; Gal 4:19)! Waa’ee qajeelummaa irratti qo’annaa jechaatiif, mata duree adda 2:29 irraa ilaali.

3:8 “Namni Cubbuu hojjetu kan seexanaati” Ijoolleen Waaqayyo akkaataa jireenya isaaniitiin beekamu, Ijoolleen Seexanaas akkasuma hojii isaaniitiin beekamu (Cf. 3:10; mat 7:13; Efe 2:1-3).

▣ **“Seecanni jalqabaa jalqabee Cubbuu waan hojjeteeff”** Seecanni jalqabaa jalqabee Cubbuu hojjechuu itti fufe (Cf Yoh 8:44) kun fincila ergamichaa kan agarsiisuudha?

Akkaataa Ti’ooloojiitiin yeroo itti seexanni Waaqayyo irratti fincile yoom akka ta’e murteessuun nama rakkisa. Iyyoob 1-2; Zakkaariyaas 3 fi 1Mot 22: 19-23 tti yommuu ilaalli .Seexanni hojjetaa Waaqayyo akka ta’ee fi aangafoota ergamootaa keessaas tokko akka ture hubanna. Of tuulummaa fi k hawwiin mootummoota bahaa (kan Baabiloon, Isa 14:13-14 yookiin kan Xiirros, Hisq 28 12-16) fincila Seexanaa agarsiisuuf waan fayyadan fakkaatu (Kirumb, Hisq, 28 14:16) Haata’u malee, Luqaas 10:18 keessatti Yesuus, Seexanni akka bakkakaatti Waaqarraa utuu lafa dha’uu arguu isaa dubbate, garuu yeroonsaa yoom akka ta’e nutty hin himne. Hanqina mul’ataa irraan kan ka’e maddii fi uumamni jal’inaa akka wanta sirriitti hin beekamneetti taa’uu qaba. Barreeffamoota adda ba’an, kan ifa hin taane fi kan fakkeenyan dubbatani itti yommuu tooftaa baaftuu fi gara tokkotti qabdu of eeggadhu. Waa’ee seexanni tajaajilaa ta’uu irraa gara diina Waaqayyo ta’uutti jijjiiramuu isaatii irratti barreeffamni gaariin kitaaba old Testamanet Theoloty jedhamu kan A.B.Davidson Barreesse fi T&T clark maxxanse dha, fuula 300-306tti. Mataa duree adda isa Hamma Yoh 12:31 irraa jedhu ilaali

▣ **“Ilma Waaqayyo”** Mata Duree Addaa armaan gadi ilaali.

MATA DUREE ADDAA: ILMA WAAQAYYOO

Kun kakuu haaraa keessatti maqaawwan guguddoo Yesuus ittiin beekkamu keessa tokkodha. Maqaan kun Waaqumma isaa kan agarsiisuudha. Kunis Yesuusiin “Ilmicha yookiin Ilma kook an jedhuu fi Waaqayyoo immoo “Abbaa”kan jedhu of keessaa qaba. Maqaan kun kakuu haaraa keessatti yeroo 124 ol barreeffameera. Yesuus ofii isaatiin “Ilma Namaa”jedhuun isa iyyuu Waaqummaa agarsiisa (Dan 7:13-14 irraa).

Kakuu moofaa keessatti “Ilma”kan jedhu wanta afur addatti agarsiisa.

1. Ergamoota (yeroo baay’ee baayina akka agarsiisutti Cf.uma 6:2; Iyob 1:6; 2:1)
2. Mootii Israa’el (Cf. Sam 7:14; far. 2:7; 89:26-27)
3. Saba Israa’e guutummaatti (Cf. ba’u. 4:22-23; kess 14:1:hoj.11:1 Mil.2:10)
4. Abboota firdii Israa’el (Cf. far. 82:6)

Yesuusii wajjin kan walqabatu isa Lammaffaadha. Haala kanaan “ Ilma Daawwit” fi “ Ilma Dawit” fi “ Ilma Waaqayyo “ kan jedhan lamaanuu ²Saamu’ee 17 fi faarfannaa 2 fi 89 wajjiin wal qabatu. Kakuu Moofaa keessatti “ ilma Waaqayyo” kan jedhu iddoon inni itti addatti masihicha agarsiisuudhaaf oole hin jiru, akka mootii isa dibameetti akka “ aangoo dibataa” Israa’eelitti fayyaduu isaa irraa kan hafe Jechuu dha. Haata’u malee barreeffamoota galaana soogiddaa keessatti maqaa masihummaa mul’isu baay’inaan mul’ata (Wabiidhaa, Dictionary of Jesus and The Gospels, fuula 770 ilaali). Akkasumas “ Ilma Waaqayyo” kan jedhu barreeffamoota Yihuudotaa keessattis maqaa Masihummaa mul’isa (Cf. 2 Esdras 7:28; 13: 32, 37, 52; 14: 9 fi 1 Enoch 105:2).

Kakuu Haaraa keessatti Yesiin agarsiisuu iddoo addoo garraagaraatti qoodamee yoo ilaalame gaariidha.

1. Duraan dursee jiraachuu isaa (Cf Yoh 1 : 1-18)
2. Haala Addaatiin dhalachuu isaa (durba irraa) (Cf.Mat.1:23; Luq 1:31-35)
3. Cuuphaa isaa (Cf.Mat.3:17; Marq 1:11; Luq 3:22 sagaleen Waaqayyo inni Waaqa irraa dhufe mootii isa dibame isa far 2 irraa fi hojjetaa isa dhiphatu isa Isa 53 irraa walitti kan fidudha.)
4. Seexanaan qoramuu isaa (Cf. Mat 4 1-11; Marq 1:12, 13; Luq 4:1-13. Inni Ilma ta’uu isaa akka shakkutti yookiin kaayyoo isaa fannoodhaan utu hin ta’in karaa biraadhaan akka galmaan ga’uuf qorame)
5. Waa’een isaa dhuga baatota warra fudhatama hin qabneen dubbatamuu isaa
 - a. Seexanoota (cf. Marq 1:23-25; Luq 4:31-37, 41; Marq 3:11-12; 5:7)
 - b. Warra hin amanin (Cf. Mat . 27:43; Marq 14:61; Yoh 19:7)
6. Waa’een isaa bartoota isaatiin mirkanaa’ee dubbatamuu isaa
 - a. Matt, 14:33; 16:16
 - b. Yoh 1:34, 49; 6:69; 11:27
7. Inni ofii isaatiif waa’ee ofii isaatii Mirkaneessee dubbachuu isaa
 - a. Matt 11:25-27
 - b. Yoh 10:36
8. Inni ofii isaatii Waaqayyon abbaa jedhee waamuu isaa

- a. Inni Waaqayyo “ Abbaa” jedhuu isaa
 1. Marq 14:36
 2. Roomee 8:15
 3. Galaatiyaa 4:6
- b. Abbaa (pater) jedhee irraa deddeebi’ee walitti dhufeenya Waaqayyo Wajjiin qabu ibsuu fayyadamuu isaa.

Walumaa galatii, Maqaan “ Ilma Waaqayyo” jedhu Warra kakuu moofaa kakuu isaa fi hirm isaas beekaniif hiikaa Ti’ooloojii guddaa qaba ture, Garuu barreessitoonni kakuu haaraa waa’ee fayyadama maqichaa irratti warra oromootaa wajjiin morka guddaa keessa turan, sababaiin isaas Oromoonni saba Waaqayyo hin ta’in “ Waaqoliin” dubartoota akka ta’aniif ilmaan isaanii immoo “ gurguddoota” yookiin “ jajjaboota’ ta’uu isaanii waan amananiif ture.

▣ **“mul’ate”** kun jedha Giriikii Phanereo jedhu yommuu ta’u, “ ifa gochuuf gara ifaatti baasuu” jechuudha. Lakkoobsonni 5 fi 8 wal-tarree yommuu ta’an, lamaanuu jedhicha bifa wal fakkaataadhaan fayyadamu, lamaanuus Kiristoos dhugaatti mul’achuu isaa dubbatu (Cf. 1:2) Rakkinni barsiiftoonni sobduun qabu turan, wangeelli isaanii ifuu diduu miti, ajandaa ti’ooloojii / falaasamaa kan mataa isaanii qabaachuu isaanii malee.

▣ **“Hojii seexanaa diiguudhaaf”** kaayyoon Yesuus mul’ateef “ diiguudhaaf” , jedhuudha Yesuus hojii sana hojjetee xumureera. Garuu namni hojii isaa isa xumurameefii kenna isaa isa tola kennameef (Cf. Rom 3:24:6:23 efe 2:8) amantiidhaan isa fudhachuudhaan simachuu qaba.(Cf Yoh 1:12; 3:16) Dhiibbaan kakuu haaraa keessatti “ ta’eeraa fi ta’uuf jiraa” gidduu jiru, balleeffamuu isa hamaatiinis wal-qabata. Seexanni mo’ameera, garuu ammayyuu hamma mootummaan Waaqayyo guutummaatti dhufutti, biyyaa lafaa irratti hojii isaa ni hojjeta.

3:9 “ Namni mucaa Waaqayyo ta’e hundinuu” (Cf. Tarree lakk 9c; 2:29; fi 5:18) kun kan inni dubbatu waa’ee haala mijaa’aa (dhaabbataa) qaama alaatiin (Waaqayyon) uumameeti.

▣ **“cubbuutti qabamee”** enni jecha kanaa isa kan 2:1 wajjin tokko miti. Waa’ee barbaachisummaa dubbii kanaa irratti yaadrimeewwan lamatu jira.

1. Barsiiftota sobduu kan agarsiisuudha, Isaaanis keessumaayyuu warra fayyina gara wanta beekumsa namaatiin ta’uutti gadi buusani fi baarbaachiisummaa safuu haala jireenyas hin fudhanneedha.
2. Xumurri enna ammaa gocha cubbuu kan walitti fufiinsa qabuu fi yeroo hundaa godhamu agarsiisa (Cf. Rom 6:1 , malee gochaawwan cubbuu kophaatti adda ba’an miti (Cf. Rom 6:15)

Ibsi Ti’ooloojii kun Roomee 6 (Kiristoos keessatti cubbuu kan hinqabne ta’uu fi roomee 7 (wal’aansoo amanaan tokko cubbuu baay’ee hojjechuu dhiisuudhaaf godhu) keessatti ibsameera.

Akkaataan seenaa qabeessi inni #1 waan wayyuu fakkaata, garuu dhugaa kana jireenya har’aa wajjiin wal qabsiisuun barbaachisaa dha, kana immoo # 2 tu ibsa. Lakkoobsa ulfaataa kana irratti kitaaba, Har sayings of the bible jedhamu kan walter Kaiser, peter Davids, F.F Bruce, fi Manfred Branch barreessan, fuula 736-739 irratti ibsa gaariitu argama.

▣ **“sanyii Waaqayyo waan ta’eef”** hiikaan gaalee Giriikii “ sanyii Waaqayyo” jedhuu Inni sirriin maal akka ta’ee irratti yaad rimeewwan baay’ee ta’u jira.

1. Ogastiinii fi Luutar, sagalee Waaqayyo mul’isa jedh (Cf.Luq 8:11; Yoh 5:38; Yaq 1:18; 1Phex.1:23)
2. Kalviin, Hafuura qulqulluu mul’isa jedha (Cf.Yoh 3:5, 6, 8; 1Yoh 3:24; 4:4, 13)
3. Warri kaan eenyummaa hafuura yookiin namummaa haaraa agarsiisa jedhu (Cf, 2Phex 1:4; ef 4:24)
4. Tarii Kiristoosiin mataa isaa akka “ sanyii Abrahaamitti” kan agrsiisu ta’uu danda’a (Cf. Luq 1:55 Yoh 8:33, 37; Gal 3:16)
5. Warri tokko tokko gaalee “ Waaqayyoo irra dhalachuu” jedhuu wajjiin wal fakkaata jedhu
6. Kun jecha barsiiftoonni sobduun qaanqe hafuura nama hundumaa keessa jiru ibsu itti fayyadaman ta’uun isaa ifaadha.

Yaadarimeewwan kana hundumaa keessaa hiikaa galumsaatiin yommuu ilaallamu inni arffaafaan gaarii ta’uu danda’a, garuu yohaannis yaadni barsiiftoota sobduu sirrii akka hin taane (kunis #6 hubachiisuu dhaaf jedha isaa filate.

3:10 kun guduunfaa lakk 4-9ti, enni isaas gocha ta'aa jiru agarsiisa kun akkaataa ti' oloojiitiin yommuu ilaalamu, dubbii yesuus lallaba gaara irraa keessatti dubbatee wajjiin wal fakkaata (Cf, Mat 7:16-20). Akkaataan namni tokko ittiin jiraatu laphee nama sanaa fi eenyummaa hafuura inni qabu mul'isa.

Kun dubbii 2:29 irraa jiru karaa faallaadhaan kan ibsudha!

▣ **“ijoolleen Waaqayyoo fi Ijoolleen seexanaas”** kun dudduubni yohaannis seem ta'uu isaa mul'isa. Ibraayisxiin, afan durii Ibsoota maqaa hin qabne waan ta'eef namoota ibsuuf “ilmaan . . .” kan jedhu fayyadama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 3:11-12

¹¹Ergichi isin jalqabaa jalqabdani dhageessan “Wal jaallachuun nuuf ta'a” jedhuu dha. ¹² Akka qaayin ta'uun hin ta'uu. Inni kan isa hamaa sanaa ture. obboleessa isaas in ajjeesse. Sababii maaliitiif immoo isa ajjeese? Hojiin ofii isaa hammaa ta'ee, hojii obboleessaa isaa qajeelaa waan ta'f ia ajjeese.

3:11 “ergichi” jecha Giriikii agglia jedhu kana 1Yoh 1:5 fi 3:11 keessatti qofa argina. Fayyadamni jedhichaa inni jalqabaa dootiriinii kan agarsiisu yommuu ta'u, inni lammaffaan immoo safuu agarsiisa. Un Yohaannis bifofoa kiristiyaanummaa kana lamaan gidduutti madalawaa ta'uu isaa wajjiin kan deemu dha.

▣ **“isin jalqabaa jalqabdani dhageessan”** Galeen kun yesuus sagalee Waaqayyoo isa jiraataa (Cf yoh 1:1) ta'uu isaa, akkasumas sagalee Waaqayyoo kan mul'isu ta'uu isaa (Cf 1:1; 2:7, 13, 14, 24; 2Yoh 5, 6) wajjin kan wal-qabatudha.

▣ **“wal jaallachuun nuuf ta'a”** kun gara amantoonni dhugumaan fayyuu isaanii beekaniidha. (Cf. Lakk.10, 14) kun jechoota yesuus kan mul'isudha. (Cf. Yoh 13:34-35; 15:12, 17; 1Yoh 3:23; ; 4:7-8, 11-12; 19-21).

3:12 “Qaayin” waa'een jirenya fayyin uma 4 keessatti barreeffameera. Iddoo itti aanutt wanta kana arginu uma 4:4 (Cf Hib 11:4) irrattidha, aarsaan qaayinii fi Abeel wal bira qabamee mul'ata. Hojiin qaayin dhiibbaa kufaatii namni jalqabaa kufee mul'isa (Cf. uma 4:7; 6:5.11-12, 136) Yihuudota biratti, kiristiyaanota birattis (Cf Hib 11:4, Abb.11) Qaayin fakkeenya fincila jal'ootaati.

▣ **“inni kan isa hammaa sanaa ture”** Seerlugni hima kanaa Lakkoofsa qeenxee kan dhiira agarsiisu ta'uu danda'a (isa hamaa, Cf lakk 10) yookiin Qeenxee qofa (kan hamaa) kan agarsiisu ta'uu danda'. Seerlugni ifa hin taane kun matt 5:37; 6:13 13:19, 38; Yoh 17:15:2 Tas 3:3; 1YOH 2:13, 14; 3:12; akkasumas 18-19, keessattis ni rgama. Haala baay'ee keessatti garuu, wantichi seexana kan agarsiisu ta'uun isaa beekamaadha. (Cf. Mat 5:37; 13:38; Yoh 17:15).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 3:13-22

¹³Obboloota koo namoonni biyya lafaa yoo isin jibban hin dinqifatinaa! ¹⁴ Nuyi obboloota waan jaallannuuf du'a keessaa gara jireenyaatti akka darbine beekna; namni nama hin jaallanne immoo du'a keessatti hafa. ¹⁵ Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeeseedha; namni nama ajjeese abdi jireenya bara baraa of keessaa akka hin qabne isin iyyuu beektu. ¹⁶ Kiristoos lubbuu isaa nuuf kennuu isaatiin jaalalli maal akka ta'e hubanneerra; egaa nus immoo lubbuu keenya obbolootaaf kennuun nuuf ta'a ¹⁷ Namni biyya lafaa kana irratti waan ittiin jiraatu qabu, dhaba obboleessa isaatii argee yoo garaa itti jabaate, jaalalli Waaqayyoo attamitti isa keessa jiraatare? ¹⁸ yoo ijoollee ko! Kottaa dubiidhaafi afaaniin utuu hin ta'in hojiidhaa fi garaa dhugaadhaan in jaallannaa! ¹⁹ Nuyi kan dhugaa ta'uu keenya kanaan hubachuuf jirra, fuula waaqayyoo durattis garaa keenya calluma in jechisiifna ²⁰ Garaan keenya yeroo nutty faradutti immoo Waaqayyoo garaa keenya irra caalee waan hundumaa akka hubatu in bekna. ²¹ Yoo michoota ko! Garaan keenya yeroo nut thin farannettis, Waaqayyoo duratt ija-jabina qabna. ²² Nuyi waanuma isa kadhannu isa biraa in fudhanna, abbommoota isa kadhannu isa braa in fudhanna; abboommota isaa in eegna, waan isa gammachiisus in hojjenna.

3:13 “hin dinqifatinaa” enni dubbii kanaa, ajaja akka wanti ta’aa jiru tokko dhaabbatuuf kennamu agarsiisa (Cf.1Phe 4:12-16). Addunyaan kun addunyaa haqaa miti, Waaqayyos addunyaan akkas akka taatuuf hi uumne!

▣ **“yoo”** kun akkaataa ilaalcha barreessichaatti yookiin kaayyoo inni wanta kana barreesseef dhugaadha jedhamee kan yaadamuudha.

▣ **“namonni biyya lafaa isin jibban”** biyyi lafaa Yesuusiin jibbeera; duuka buutota isaas in jibba, kun kakuu haaraa keessatti wanta beekamaadha.(Cf.Yoh 15:18; 17:14; Mat. 5:10-11; 2xim 3:12, namni tokko amanaa ta’uu isaatiifis ragaaa biraadha.

3:14 “ beekna” Kunis kakuu haaraa keessatti wanta irra deddeebi’ee mul’atudha. Ija jabinni ijoollee Waaqayyoo, (1) jijjiirama sammuu fi (2) jijjiirama gochaa wajjiin wal qabata kanneen kunis afaan Giriikii fi Hibuutti hiikkaman bu’uraa jedha “ qalbii jijjiirachuu” jedhuuti.

▣ **“du’a keessaa gara jireenyaatti akka darbine”** enni dubbii kanaa Yoh 5:24wajjiin wal fakkaata. Du’a eessaa gara jireenyaatti darbuu keenyaaf (kunis. Mirkanaa’uu fayyina kiristiyaanaati, mata duree addaa Yoh 6:37 ilaali) wantoota ragaaa ta’an keessaa tokko walii walii keenya jaallachuu keenya dha. Inni kan biraan immo biyyi lafaa nu jibbuu isaati.

▣ **“Nuyi obboloota waan jaallannuuf”** kun gocha enna ammaa mul’isudha. Jaalalli amala maatii waaqayyoo isa guddaadha.(Cf.yoh 13:34-35; 15:12, 17; 2Yoh 5 :1Qor 13; Gal 5:22) sababiin isaas, jaalalli amala Waaqayyoo waan ta’eefi dha. (Cf, 4:7-21). Jaalalli jalqaba walitti dhufeenya namni Waaqayyoo wajjiin qabuu miti, bu’aa isaati malee jaalalli jalqaba fayyinaa miti, isaaf ragaaa biraa kan ta’udha male,

▣ **“namni nama hin jaallannee immoo du’a keessatti hafa”** Akkuma amantoonni jaalalatti qabanabii jiraatan, warri hin amannee immoo jibbatti qabamani jiraatu. Jibbi akkuma jaalala namni tokko hafuuratti kan eenyuu akka ta’ee kan mul’isudha. Hohaannis an jaalalati qabamee jiraatuu fi kan du’atti qabamee jiraatu jedhee qoqooddii inni iddoo lamatti godhe yadadhu, kana lamaan gidduu karaan biraan hin jiru.

3:15 “hundinuu” Yohaannis, 2:29 irraa jalqabe jedha kana (pas) sa’a 8 fayyadameera. Barbaachisummaan kanaas namni wanti Yhaannis jechaa jiru kun hin ilaallannee akka hin jirree ibsuudha. Namoota gosa lama qofatu jira, warra jaallatanii fi warra jibban.Yohaannis jireenya bifa gurraachaa fi adiidhaan ilaala, burreen hin jiru.

▣ **“Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeesseedha”** inni dubbii kanaa, jibba itti fufiinsa qabuu d kan hin jijjiiramne agarsiisaa. Cubbuun jalqaba yaada namaa kessatti uumama. Yesuus lallaba gaara irraa keessatti; akkumas hawwi ejjaa wajjiin wal qixa tae, jibbis ajjeechaa wajjiin wal qixa ta’uu isaa barsiise (Cf, Mat 5:21-22).

▣ **“namni nama ajjeessa abdi jireenyaa bara baraa of keessaa akka hin qabne isin iyyuu beektu”** Kun namni nama ajjeesse tokki kiristiyaana ta’uu hin danda’uu jecjuu miti. Cubbuun dhiifama qaba, akkaataan jireenyaa garuu laphee mul’isa. Wanti inni dubbachaa jiru, namni yeroo hunda nama jibbu kiristiyaana ta’uu akka hin dandeenyedha. Jaalalli fi jibbi wantoota walitti makamuu hin dandeenyedha.! Jibbi jireenya isaa fudhata (oolfata), jaalalli garuu jireenya isaa kenna.

3:16 “hubanneerra” kun gocha xumurameedha, kanaaf jedhu Giriikii lakk 15 keessatti fayyadame oida ture, asitti immoo ginokodha. Jedhoonni kun barreeffamoota Yohaannis keessatti haala wal fakkaataadhaan fayyadu.

▣ **“Kiristoos lubbuu isaa nuuf kennuu isaatiin jaalalli maal akka ta’e”** Yesuus Jaalallii maal akka ta’e agarsiisuudhaaf fakkeenya isa dhumaa nutti agarsiise, Amantoonni fakkeenya isaa hordofuu qabu (Cf. 2Qor. 5:14-15).

▣ **“Kiristoos lubbuu isaa nuuf kennuu isaatiin”** kun jechootuma Yesuus fayyadamuudhaan hojii Yesuus hojjete kan ibsuudha. (Cf.Yoh 10:11, 15, 17, 18; 15:13).

▣ **“nuuf ta’a”** Amantoonni fakkeenya Yesuus hordofu (Cf. 2:6; 4:11)

▣ **“lubbuu keenya Obbolootaaf kennuun”** Kiristoos fakkeeniyicha >Akkuma inni lubbuu isaa warra kaaniif kenne, Kiristiyaanoonnis barbaachisaa taanaan lubbuu isaanii obbolootaaf kennuu qabu, ofittummaa jalaa du’uun

1. Fallaa kufaati isa jalqabaati
2. Bifni Waaqayyoo nama keessatti haareffamuu isaati
3. Fedha Waaqayyoof jirachuu dha(Cf. 2Qor, 5:14-15; Fil 2:5-11, Gal 2:20 1Phex 2:21)

3:17 “Namni biyya laffa kana irratti waan ittiin jiraatu qabu dhaba obboleessaa isaatii argee” Lakkoobsa 16 irratti, lubbuu ofii kennuu inni jedhame, iddoo kanatti haala qabatamaadhaan obboleessa foyi gargaaruutti hiikamee ka’ameera. Lakkoobsonni kun Yaaqoob (Cf.yaq 2:15, 16) wajjiin bay’ee wal fakkaatu.

▣ **“Yoo garaa itti jabaate”** jechi garaa jedhu irra keessaa yommuu ilaallamu “bowels” kan jedhu yoommu ta’u jedha Ibraayisxii kan yaada namaa agarsiisuudha. Ammas, hojiin keenya abbaa keenya mul’isa.

▣ **“jaalalli Waaqayyoo”** Gaaleen kun yaadota armaan gadii keessa isa kam ibsa?

1. Jaalala Waaqayyoof qabnu
2. Taalala Waaqayyoo nuuf qabu
3. Lachanuun isaa iyyuu ni ta’a

Yaadni lakkoofsa 3 irra jiru barreeffamoota Yohaannisiin kan wal simuudha!

3:18 “Kottaa dubbiiidhaa fi afaaniin utuu hin ta’in in jaallannaa” hojiin dubbii afaanii caalaa dubbata (Cf Mat 7:24 ; ya’iqob 1:22-25; 2:14-26).

▣ **“hojiidhaa fi garaa dhugaadhaan”** jechi “dhugaa” jedhu kan nama ajaa’ibsiisuudha hiikaan “hojii” gocha jedhamee ilaallamuu ni danda’a. Akkuma “ergaan” inni 1:5 fi 3:11 keessatti caqafame barsiisaa amantii fi tarkaanfii jireenyas agarsiisu “dhugaa” ta’e, jechi kun wanta amanamaa (NJB) yookiis dhugaa (TEV) ta’e waan agarsiisu fakkaata. Gochii fi fedhii kun jaalala of-kennuu (jaalala Waaqayyoo) kan ofkeessaa qabu ta’uu qaba; akkasumas godha of agarsiisuu hawwa isa kennuuf dhaabbata ta’uu hin qabu.

3:19 “kanaan hubachuuf jirra” kun hojii jaalalaa dura caqafame agarsiisa kun gocha fuula duraa hima agarsiisuu fi dhugaatti amanuu nama tokkootiifis kan ragaa ta’u dha.

▣ **“nuyi kan dhugaa ta’uu keenya”** jireenyi amantoota agarsiisuu fi dhugaatti amantootaa jaalala irratti hundaa’e waan lama agarsiisa (1) Gara dhugaa ta’uu isaanii fi (2) yaadni isaanii hojii qajeelaa hojjechuu isaanii akka dhugaa ba’uuf. Mata duree addaa dhugaa jedhu Yoh 6:55 irraa ilaali.

3:19-20 Hiikaa afaan Giriikii lakkoofsota kana lamaanii hiikuun rakkisaa dha. Yaadni hiikaa ta’uu danda’u tokko murtoo waaqayyoo irratti xiyyeeffata, inni kan biraan immoo gargaarsa waaqayyoo irratti xiyyeeffata. Akka galumsa kanaatti yaada isa lammaffaatu caalaatti sirri fakkaata.

3:20-21 Lakkoofsonni kun lamaanuu haala agarsiisu.

3:20

NASB “yoo garaan keenya nutti farade”
NKJV “Yeroo garaan keenya nutti farade”
NRSV “Yeroo garaan keenya nutti faradu hundumaatti”
TEV “Yaadni keenya yoo nutti farade”
NJB “yaadni mataa keenyaa yoo nutti farade illee”

Amantoonni hundumtuu yeroo “qajeelfama” fedha Waaqayyoo ta’uu isaa beekanitti jiraachuu dandhaban gadda guddaatu itti dhaga’amaa ture (Rom 1). Dhukkubbiin yaadaa kun immoo Hafuura Waaqayyoo irraa (qalbii jijjiirannaatti geessuudhaaf) yookiis seexana irraa gara of balleessuutti geessuudhaaf) ta’uu danda’a. Yakki namatti dhaga’amuun kun sirrii ta’uu danda’a, ta’uu dhiisuus danda’a. Amantoonni garaa garummaa kana kitaaba Waaqayyoo dubbisuudhaan beekuu danda’u (yookiis waarra inni ergu dhaga’uudhaan). Yohannis amantoota warra qajeelfama jaalalaatiin jiraachaa jiran jajjabeessuu yaalaa jira, garuu amma illee cubbuudhaan

mormaa (wanta sirrii hin taane hojjechuu akkasumas wanta sirrii ta'ee hojjechuu dhiisuu). Mata –duree addaa: Laphee jedhuu 12:40 irraa ilaali.

▣ **“waan hundumaa akka hubatu”** Waaqayyoo fedha keenya isa dhugaa beeka (Cf. Isam 2:7; 16:7; Imot, 8:39; Fak 15:11; 20:27; 21:2 Erm 11:20; 17:9-10; 20:12; Luq 16:16; HE 1:24:15:8; Rom 8:26, 27)

3:21 “garaan keenya yeroo nutti hin faranneettis” Kiristiyaanonni yeroo baay'ee Cubbuu fi ofii isaanii wajjiin wal'aansoo qabu (Cf 2:1; 5: 16-17) . Yeroo baay'ees dogoggoru (ofiin of-gowwoomsuu). Yeroo baay'ee yaadni isaanii isaanitti farada namni jedhamu akka barreesetti:

“yaa gooftaa, eenyu illee boqonnaa guutuu hin qabu,
eenyu illee raawwatee cubbuutti bilisa waan hin taaneef
warri of wal'aalan (faint) caalaatti si tajaajilu
warri of beekana caalaatti ceephoo keessa isaanii dhaga'u”

Wangeela beekuun, Yesuusi wajjiin tokkummaa gaarii qabaachuu, geggeessaa haafuura qulqulluu fi hundumaa beekuun abbaa irratti of gatuun laphee keenyaaf boqonnaa kenna (Cf Far 103:8-14).

▣ **“Waaqayyoo duratti ija jabina qabana”** kun ifaafi bilisaan waaqayyoon waa'ee wal arguu dubata. Kun wangeela Yohaannis keessatti yaada yeroo baay'ee irraa deddeebi'amuudhaa (Cf 2:28; 3:21 4:17; 5:14; Ibr. 3:6; 10:35, mata –duree addaa 2:28 irraa ilaali) Gaaleen kun bu'aa ofitti amanummaa qabaachuu lama agarsiisa.

1. Amantoonni Waaqayyoo duratti ija jabina guutuu qabaatu.
2. Waan barbaadan hundumaa isa irraa argatu

3:22 “nuyi waanuma isaa kadhannu isa biraa in fudhanna” kun dubbii Yesuus Mat. 7:7 ; 18:19, Yoh 9:31 14:13-14; 15:7:16; 16:23; Marq 11:24; Luq 11:9-10 Keessatti dubbate agarsiisa. Waadaan macaafa qulqulluu kun shaakala amantoonni kadhannaa keessatti qaban malee deebii argatu waan waadaa galu fakkaata. Kunis barbaachisummaa kutaawwan garaa garaa wal bira qabanii ilaaluun hiikaa gaarii argachuuf qabu iddoo itti agarruudha.

MATA DUREE ADDAA: KADHANNA, DAANGAA HIN QABU GARUU DAANEEFFAMAADHA

A. Wangeela Luqaas, maarqos, fi maatewos

1. Waaqayyoo akka waan gaarii (Mat) ykn “Hafuuraa isaa”(luqa) kennuutiif amantoonni akka kadhannaatti ciman jajjabeeffamu (Mat 7:7:11; Luq 11:5-13)
2. Akka naamusa waldaa kristiyaanaaatti amantoonni kadhannaadhaan akka walii wajjiin ta'an jajjabeeffamuu (Mat 18:19)
3. Akka amantii Yihudotaaatti amantoonni amantiidhaan shakkii malee kadhachuu qabu (Mat 21:22; Marq 11:23-24)
4. Akka fakkeenya lammaffaa sanaatti (lak 1-8, abbaa firdii jal'aa, fi lakk 9-14, farisichaa fi Namichaa cubbamaa sanaa) amantonnii abbaa firdii Waaqayyoon hin beekne sanaa fi farisicha qulqulluu ofiin jedhu sana irra jireenya adda ta'ee qabaachuu qabu (Luq. 18:1-14)

B. Barreeffamoota Yohaannis

1. Akka seenaa namicha jaamaa ta'ee dhalate Yesuus fayyise irra hubatamutti, dhugaatti jaamaa ta'uun fariisotaa mul'ateera. Kadhannaan Yesuus (akkuma kadhannaa nama kami iyyuu) inni Waaqayyoon beeka waan ture fi waan abboomameef deebii argataniiru (Yoh 9:31)
2. Barsiisaa kutaa gara gubbaa keessatti wangeela Yohaannis keessatti Yesuus barsiise (Yoh 13-17)
 - a. 14:12-14 kadhannaan amantootaa kan irratti hundaa'uu
 - 1) Kadhannaa amantootaa
 - 2) Maqaa Yesuusiin gaafachuu dha
 - 3) Ulfinni abbaa akka mul'atu fedhuu
 - 4) Abboommii eeguu (Lakk 15)
 - b. 15: 7-10 kadhannaan amantootaa kan irratti hundaa'uu
 - 1) Yesuus keessaa jiraachuu
 - 2) Dubbiin isaa isaan keessa jiraachuu
 - 3) Abbaan akka ulfeeffamu fedhu

- 4) ija baay'ee buufachuu
- 5) 5 . Abboomota eeguu (Lak 10)
- C. 15:15-17 kadhannaa amantootaa kan irratti hundaa'uu
 - 1) Filannoo isaanii
 - 2) Ija buusuu isaanii
 - 3) Maqaa Yesuusiin kadhachuu
 - 4) Wal jaallachuudhaan “abboommii isaa eeguu
- D. 16:23-24 Hundee kadhannaa amantootaa
 - 1) Maqaa Yesuusini kadhachuu
 - 2) Gammachuun isaanii guutuu akka ta'u hawwu
3. Ergaa Yohaannis isa duraa
 - a. 3:22-24 Hundeen kadhannaa amantootaa
 - 1) Abboomota isa eeguu (Lakk 22, 24)
 - 2) Akka isatti tolutti jiraachuu
 - 3) Yesuusitti amanuu
 - 4) Wal jaallachuu
 - 5) Isa keessaa jiraachuu, innis nu keessa jiraachuu
 - 6) Kennaa Hafuura qulqulluu qabaachuu
 - b. 5:14-16 Hundeen kadhannaa amantootaa
 - 1) Waaqayyotti hirkachuu
 - 2) Fedha isaa irratti hundaa'a
 - 3) Waliif kadhachuu amantoota
- C. Yaa'iqob
 1. 5-7 amantoonni qorumsa baay'eedhaan sakkii malee ogummaa akka kadhatan barsiisa
 2. 4:2-3 amantoonni yaada qajeelaadhaan kadhachuu qabu
 3. 5:13-18 Amantoota dhukkubsatan jajjabeessuu isaa
 - a. Jaarsoliin waldaa kristiyaanaa akka kadhataniif akka gaafatan
 - b. Amantiin kadhachuun akka isaan fayyisu
 - c. Cubbuu isaanii walii isaaniitti himatanii akka waliif kadhatan (I Yoh. 5:16 wajjiin wal fakkaata)

Furtuun kadhannaa ija qabuu Kiristosiin fakkaachuu dha. Hiikaan maqaa Yesuusiin kadhachuus isa kana dha. Waanti gadheen waaqayyoo amantoota baay'eedhaaf godhu yoo jiraate kadhannaa isaanii ofittummaan guute deebisuufiidha! Yaada tokkoon kadhannaa hundumtuu deebii ni argata. Kadhaannaa karaan inni ittiin baay'ee murteessaa ta'u amantoonni Waaqayyoon amantii isaa wajjiin yeroo dabarsuu isaaniiti.

▣ **“abboommota isaa in eegna waan isa gammachiisu in hojjena”** akka galumsa /yaada kanaatti kadhannaa keenya deebii argachuuf wanta lama barbaachisa

1. Amanamummaa
2. Waan waaqayyoo gammachiisu hojjechuu (Cf Yoh 8:29)

Ergaan Yohaannis inni duraa “akkaataa” ittiin jireenya Kristiyaanummaa fiixaan ba'umsa qabu jiraatanii fi tajaajilan kan irraa baranuudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 3:23-24

²³Abboommiin isaa kunis, “ maqaa ilma koo Yesus Kiristoositti amanaa! Akka abboommii inni kenneettis walii keessan jaalladhaa!” nuun jedha ²⁴Namni abboommota isaa eegu isa keessa in jjiraata; hafuura inni nuuf kenneenis nu keessa jiraachuu isa in hubanna.

3:23 “Abboommiin isaa kunis amanaa! jaalladhaa” Jechi “abboommii”jedhu jedha qeexee yaada lama agarsiisudha. Yaadi inni duraa amantii dhuunfaa ti (Cf Yoh 6:24, 40). Yaadni inni lammaffaan immoo naamusaan wal qabata; jaalala (Cf 3:11; 4:7). Wangeelli ergaa amanamu, qaama simatamu fi jireenya jiraatamuudha!

▣ **“maqaa ilma koo Yesuus Kristoositti amanaa”** Amantii macaafa qulqulluu hubachuu keessatti yaadni” amanuu”jedhu baay’ee murteessaa dha. Jechi kakuu moofaa aman jedhu “amanamummaa” nama itti hirkatamu yookiis nama abdiin irratti gatamu” calaqqisiisa. (Mata duree addaa I Yoh 2: 10 irra jiru ilaali). Kakuu haaraa keessatti jedhi (pisteuo) jedhu haala sadiin hiikama: amanuu, amantii, yookiis abdachuu (mata duree addaa Yoh 2:23 irra jiru ilaali) Jedhi kun hamma amanamummaa waaqayyoo agarsiisu amanamummaa nama cubbamaa, yookiis amanamummaa nama fayyee hundee hin sochoone godhatee iyyuu utuu hin ta’in amala Waaqayyoo, mul’achuu isaa, fi kakuu isaa agarsiisa!

Yaadni “maqaa” isaatti amanuu yookiis “maqaa isaan kadhachuu agarsiisu hubannaa warra gidduu galeessa bahaa maqaan eenyummaa bakka akka bu’uu isaa agarsiisuu calaqqisiisa.

1. Mat. 1:21, 23, 25; 2:22:10:22; 12:21; 18:5:20:19:29:24:5, 9; Yoh1:12; 223; 3:18; 14:26:15:21; 17:6:20:31 keessatti Yesuusiin agarsiisa (bakka bu’a)
2. Mat 6:9; 21:9 23:29:Yoh 5:43:10:25; 12:13; 17:12 keessatti Abbaa bakka bu’a
3. Mat 28:19 keessatti sadan tokkummaa

Kitaaba “in his word Pictures in the *New Testament A.T Robertson*” fuula 228 keessatti rakkoowwan barreeffamoota giriikii jedha “amanuu” jedhu agarsiisan tokko tokko wal qabatan caqasa yaadni barreeffamoota giriikii durii B, K fi L L keessatti ibsame fi K.A fi C keessatti ibsame lamaanuu yaadaa fi bifa wangeela Yohaannisiin kan wal simuudha.

3:24 “isa keessa in jiraata: innis namicha keessa in jiraata” Amanummaan isa keessa jiraachuu wajjiin wal qabata. Tajaajilli nuyi waaqayyoo keessa jiraachuu keenyaa fi Waaqayyos nu keessa jiraachuu isaatiif ragaaadha (Cf:4:12, 15-16; Yoh 14:23; 15:10). Mata duree addaa 2:10 irra jiruu ilaali.

▣ **“Hafuura inni nuuf kenneenis”** Yohaannis amantoota dhugaa madaaluudhaaf ragaa tokko tokko gargaarama (Cf. Rom 4:13; 8:14-16, ibsa 2:3-27 ilaali; C) . Yaadotni armaan gadii Hafuura qulqulluu wajjiin wal qabatu.

1. Yesuusiin lallabuu (CF/ Rom 10: 9-13; I Qor 12:3
2. Jireenya kristosiin fakkaatu (Cf Yoh 15, Gal 5:22; Yaaq. 2:14-26

GAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’aa, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Yaadni bu’uuraa lakkoofsa 11-24 walitti qabu maali? (Cf. Yoh 2:7-11)?
2. Hariiroo Lakk 16 fi 17 ibsi jireenya of gadi deebisuu qabaachuun obboleessa keenya gar gaasa barbaadu gargaaruu wajjiin akkamitti wal qabata?
3. Lakk 19-20 sodaa keenya qabanneessuuf murteessummaa murtoo Waaqayyoomoo, gargaarsa Waaqayyoo isa guddaa irratti xiyyeeffata?
4. Dubbii Yohaannis lakk 22 keessatti waa’ee kadhannaa irratti dubbate akkamitti jireenya Kenya wajjiin wal qabsiifna.?
5. Dubbii Yohaannis isa Kristiyaanonni Cubbuu isaanii himatanii yaada garaa isaanii geeddarachuu akka qaban akkasumas jireenya qulqullaa’aa cubbuu hin qabne irratti xiyyeeffatu akkamitti wal simsiisuun danda’ama?
6. Yohaannis maliif jireenya keenya guyyaa guyyaa tuqe?
7. “Iammata dhalachuu” kan jedhu keessatti dhugaa tiyooloojii argamu ibsi.
8. Dubbisni kun jireenya kiristiyaanummaa waliin akkamitti adeemaa?

1 YOHAANNIS 2:3-27

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Gorsa /deeggarsa keenya	Duuka bu'ummaa isa waliiniif bu'uura kan ta'e (1:5-2:2)	Abbomamuu	Kiristoos gargaaraa keenya	Ifa keessa deemuuf (1:5-2:28) Haala jalqabaa cubbuu cabsuu (1:8-2:3)
2:1-6	Isa bekuuf qormaata ta'u	2:1-2	2:1-2	Haala lamaffaa Abboommii isaa eeguuf, kessagtuu kan jaalalaa
	2:3-11	2:3-6	2:3-6	2:3-11
Abboommii isaa haaraa		Walii wali keessan jaaladhaa	Abboommii haaraa	
2:7-14		2:7-11	2:7-8	
	Mirkaneessoo Afuura isaanii	Karaa kiristoosiin Hariiroo dhugaa ta'e Waaqayyo waliin qabaachuu	2:9-11	Haala sadaffaa Biyya lafaa irraatii adda ba'uu
	2:12-14	2: 12-14	2:12-13	2:12-17
	Biyya lafaa hin jaalatiin	Dhugaan biyya lafaa ganuu	2:14	
2:15-17	2:15-17	2:15-17	2:15-17	
Mormitoota Kiristoos	Yerichi dhumaa sun	Amantii dhugaf Amanamuu	Diina kiristoos	Haala Arfaaffaa: Kiristoosiin mormuu (diina kiristoos ta'uu) irra of eeguu.
2:18-25	2:18-23	2: 18-25	2:18-19	2:18-28
			2:20-21	
	Dhugaa si keessaa dhokattu		2:22-23	
	2:24-27		2:24-25	
2:26-27		2: 26-27	2:26-27	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

5. Keyyata tokkooffaa
6. Keeyyata lammaffaa
7. Keyyata sadaffaa
8. Kkk

HUBANNOO HAALA GALUMSAA 2:3-27

A. Erga yeroo ammaa qabu irraa kan ka'e '1Yoh. Murteessanii gumee kennuufin baay'ee ulfaata. Ta'uyyuu, wari yaada kennan hedduun, boqonnaan lammaffaa ergaa boqonnaa tokkoffaa itti fufee dubbachuu isaa, kan duuka bu'ummaa waaqayyoo, haala Eeyyamaa (Positive) ykn haala waalumaan (Negative) ibsu ta'uu isaa irratti waliif galu.

B. Walfakeenyi caasaa boqonnaa 1 fi 2 gidduu jira. Yohaannis ergaa ibsa sobaa Ginoostiksii (Gnostics) faallessu kaa'era.

Boqonnaa 1

1. Utuu jennee (Lak. 6-7)
2. Utuu jennee (Lak. 8-9)
3. Utuu jennee (Lak. 10)

Boqonnaa 2

1. Isaan akka jedhanitti ... (lakk. 4-5)
2. Namni tokko jedhee...(Lak. 6)
3. Namni tokko jedhee ... (Lak. 8-11)

C. Tarreeffamni adda addaa kun ykn ragaaan kun kan Amantoota dhugaa ibsudha. (2:3-25)

1. Cubbuu ofii himachuuf fedhii qabaachuu (jalqabas, itti fufees) (1:5; 2:22)
2. Haala jireenya Abboomamuu (2:3-6)
3. Haala jireenya jaalalaa (2:7-11)
4. Afuura hama irratti mo'icha argachu (2:12-14)
5. Biyya lafaaf fakkeenya ta'uun mo'uu (2:15-17)
6. Dursa kan muraa'e (2:19)
7. Seera uttub byknata surruu (correct doctrine) (2:20-24; 4:1-3)

D. Gama Tiyoooljii haadrimee addaa (2:18-19 keessatti)

1. "Yericha dhumaa" (Lak. 18)
 - a. Gaaleen kunii fi kan gaalee kana fakkaatan kan akka "guyyicha dhumaa" jedhan Beetilemitti dhalachuu Yesuusii fi lammata dhufuu isaa gidduu yeroo jiru ibsu. Mootummaan isaa ni dhufa, garuu ammayyuu guutummaatti kan raawwate miti.
 - b. Sabni Israa'el bara Wangeelummaa keessa kan inni amantii eegale baroota lama kessa, Amma bara Hameenyaa fi Bara qajeelumaa Afuura qulqulluu of keessatti affeeran ture. Kan ka'uu Moofaan qulqulleessee hin ibsine, dhufaatiin Masihichaa lamaan, kan jalqabaa akka fayyisuutti fi kan lammaffaa akka firdii kennutti dhufuu isati. Barootni lamaan kunnenis walirraa dhufu. Mata duree addaa 2:17 irraa dubbisi.
 - c. Kunis jecha "yeroo" jedhuun bakka bu'ee kan tajaajilu (kairos) akka yeroo adda hin baafamnetti, (cf. Yoh. 4:21, 23, 5:25; 28: 16:2)
2. Mormitoota/Farra Kiristoos (Lak. 18)
 - a. Yohaannis qofatu jecha farra/ mormituu (Antichrist) jedhutti fayyadama. (cf. 2:18, 22, 4:3, 2Yoh. 7). Kan hubatamuu qabu. 2:18 irra kan jiru danuudhas, baaqqeedhaa (cf. 2Yoh. 7)
 - 1) Namoota yeroo dhumaa tokko fi wabii barreessitoota Wangeelaa biro keessa ni jira.
 - a) Daani'el. "Bineensa arfaffaa (fourth Beast) cf. 7:7-8, 23-26; 9:24-27)
 - b) Yesuus "Jibba guddaa kophummaa (Abomination of Desolation) (cf. Mar. 13, Mat 24)
 - c) Yohaannis "Bineensa Galaana keessaa ba'aajiru" (cf. Mul. 13)
 - d) Phaawulos "nama cubbuu" (cf. 2Tes. 2)

- 2) Yohaannis akkasumas nama foonii (eschatological person) fi nama Afuuraa ykn yaada sirrii qabu (recurring spirit or attitud) gidduu garaagarummaa jiru, yeroo mara Addunyaa kana irraa jiru, ibseera. (cf. 2:18 4:3: 2Yoh. 7, Mar 13:6;22; Mat. 24: 5; 24)
 - 3) /Dur-duuben jecha “Antichrist” jedhu keessaa “anti” jechu Afaan Giriikiin, (1) Mormuu/ Falmuu ykn (2) Waan tokko waan biraan bakka buusuu (instead of). Kunis kan lak. 18 irraan akka Danoominaattis ta’ee akka baaqqeetti kan baay’ee barbaachisaa ta’e dha. Seenaan isaas warra waaqayyoon morman fi warra Kiristoosiin morman ibsa. (Lak. 1 itti fayyadami)
 - a) Antichous 1v Epiphene (little horn of Dani’el 8; 11; 36-45)
 - b) Nero and Domitian (claimed deity but not massiahship)
 - c) Atheistic communism
 - d) Secular Humanism
- Garuu kun warra mormituu kiistoos hin taaneenis garuu Kiristoosiin hin labsinenis wal qabata. (Lak. 2 itti fayyadami)
- a) Barsiisota sobduu Mark, 13: 6, 22 fi Mat. 24: 5, 24 irraa.
 - b) Geggessitoota waaqeffannaa annattaa
 - c) Mormituu Kiristoos (Dan. 7:8; 9; 23-26; 24-27 2Tas. 2:3 fi Mul. 3)
- 4) Kiristaanotni baroota kamituu Barsiisota sobaa warra Kiristoos gananii fi warra masihummaan Kiristoos nuti jedhanii labsaniin mudannoo keessa ni galu. Ta’ulle, Guyyaa tokko, guyyaa dhumaa, Afuurri lamaan adda ta’e kana lachuu ni hojjeta.
3. Si keessa buluu (Lak. 19, 24, 27, 28)
 - a. Yaadannoon babal’ina Wangeelaa (dhuga ba’umsaa) bara kanaa irra caala kaka’umsa namummaa murtee dhugaa (Amantii) Kiristoos keessatti qabu, kunis dhugaa kan ta’edha. Ta’uyyuu xiyyeeffannoon wangeelaa murtee irratti miti, garuu duuka bu’ummaa irrattidha. (cf. Mat. 28: 29-20)
 - b. Seerri Nageenya Amantootaa jedhu adda ba’ee seera Qalbii diddiirrannaa, (kan dursa murtaa’e) jedhuun wal qabata. Mata duree addaa Barbaachisummaa wanta dura murtaa’e Yoh. 8:3 ilaali. Innis kan filannoon ta’u miti, garuu lachuu dhugaa wangeelaati. Dhugaan isaa “Abide” jechun **ori’a** wangeelaati (Yoh. 15)
 - c. Waadaa hin jijjiiramne (keessa buluu) irratti erga biraa kan qabu, Mat. 10:24; 13:1-9; 18:18-23; Mar. 13:13; Yoh 8:31; 15:1-27; 1Qor. 15:2; Gal. 6:1; Mul. 2: 2, 7, 11, 17, 26; 3:5, 12, 21; 21:7. Mata duree addaa “Keessa buluu”/Abiding” jedhu 2:10 irra ilaali.

QONANNA JEEHA AFI GAALAA

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 2:3-6

³Abboommii isaa eeguudhaan isa beekuu kenya in hubanna. ⁴Namni “ani isa beeka” jedhu abboommii isaa immoo hin eegne sobduudha, dhugaanis isa keessa hin jiru. ⁵Namni dubbii isaa eegu waaqayyoon dhuguma akka jaallatu fiixan baasee in argisiisa. Kanaanis isatti jiraachuu keenya in hubanna. ⁶Namni “Isatti nan jiraadha” jedhu immoo karaa Yesuus kiristoos irra adeeme irra ademuun in ta’aaf.

2:3 “Kanaanis isa beekuu keenyaa in hubanna” Gama hog-barruutiin kunis “Isa beekuu keenya in beekna” kan jedhudha. Kunis agarsiisa si’aayina ammee (PRESENT ACTIVE WDCATIVE). Kan Amantootni waldaa Kiristaanaa fayyina dhugaadhuman qaban beekuu isaanii ibsudha.

Jechi “Beekuu” jedhu, Haala ilaalcha Ibirootaatti, Haalli itti dhufeenya namootaf (Uma. 4:1; Erm 1:5) fi miira Giriikotan immoo dhugaa /haqa waa’ee namaa ykn waan tokkoo ibsa.

Wangeelli dhugaa namummaa fi qaama dhugaati. Xiyyeeffannoon Gaalee kanaa:-

1. Waaqayyo beekuu ni dandeenya.
2. Jireenya keenya irraa waan inni barbaadu ni beekna.
3. Nuti ni beekna waanta beeknu! (cf. 5:13)

Dhugaadhaan Waaqayyo waliin jiraachuun keenya kan inni mul'atu gochaa fi kaka'umsa keenyaani (cf. Mat. 7, Yaaqob. 1Phexiroos). Kunis ergaa yeroo ammaa kan ta'e 1Yoh. (cf. 2: 2;5; 3: 24; 4:13; 5:2, 13)

Barreeffamootni Yohaannis fi 1Yoh. Jecha "Beekuu" jedhu macaafota Kakuu Haaraakamiyyuu caalaa kan itti fayyadamanidha. Yohaannis macaafa beekumsaa fi jaalala jireenyaa fi Abboomamuu irrati bu'uureffama.

▣ **"utuu"** Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan gocha kuufama ibsudha. (Third class condition sentence)

▣ **"Abboommii isaa ni eegna"** Firiwwan haalawwaa (PRESENT ACTIVE SUBJENCTIVE) dha. Kakuu haaraan kennaa waaqayyoo hin haaleffatu, garuu kan inni haaleffatu qalbii diddiirrannaa fi Abboomamuu dhala namaa irrattidha. (cf. 2: 3-5, 3:22, 24, 5: 2: 3: Yoh. 8:51-52; 14: 15, 21, 23; 15: 10, Mul. 2:26; 3:8, 10; 12; 17; 14:12). Kakuu Haaraakeessatti ille taanaan Abboomamuun Aarsaa kami irra iyyuu ni caala (cf. 1 Sal. 15:22, Erm. : 22-23). Abboomamuun Fayyina fida osoo hin taane ragaa fayyinaati. Innis bu'uura osoo hin taane (cf. Efe. 2:8-9 garuu firii isaati. (cf. Efe. 2:10).

2:4 "Kan jedhu" Kunis agarsiisa waliigalaa kan Yohaannis qolmlee fi fiyyee (diatribe formata) dha.

▣ **"Ani Waaqayyoon nan Beeka"** Kunis kan waa'ee barsiisota sobduu ibsu keessati tokkodha. (cf. 1:6, 8, 8, 10, 24, 6, 9) Kunis Galmilee (diatribe) (kan jedhu...) Mikliyaas, Romani fi Yaaqoob wajin wal fakkaata. Barsiisotni sobduun waaqayyoon beeknatedhanii labsu, garuu, fayyina isaanii jireenya namummaa waaqayyoorraa adda of godhu. Olaantummaa Waaqayyoo labsu, garaa *gudhaa* fedhii keessa isaanii ibsuudha.

▣ **"Abboommii isaa moo hin eegne"** Gocha si'aayina Ammaati, kan gocha jireenya baratamaa ibsudha. Jireenyi keenya qajeelfama Afura keenyaa ibsa. (cf. Mat. 7) Lak. 4, dhugaa isaa haala waawammaa (negative) n ibsa, lak. 5, immoo dhugaadhuma wal fakkaatu gama eenyummaa (positive)n ibsa.

▣ **"Sobduudha"** Waliigaltee dhugaa kun kan agarsiisu Abboomamuudha. Ija isaaniitiinis isaan beekuu ni dandeessa. (cf. Mat. 7)

Yohaannis saba amantii garaagaraa (barsiisota, lallabota) sobdoota jedhee waama. (cf. 1:6; 10; 2:4; 20; 4: 20). Namoota Amantii fakkaatu garuu warra waaqayyoof qajeelota ta'an miti.

2:5: "Garuu namni dubbii isaa eegu kamiyyuu" Barreessitootni USB', *A Hand book on the letters of Joha* (Haas, Jonge, and Swellengrebel) ijaarsa jecha Giriik kana irrati yaada hawachiisaa kenuun qooda maqaa Eertuu "an" or "ead" jedhaniin ibsuu fi gochima 3:17,22, 4:15: 5: 15: 3 Yoh. 5'n wal qabsiisu. Namni sagalee jiraataa sanaa fi sagalee barreeffameen osoo mormuu, waaqayyoon nan beeka jechuu hin qabu (cf. 3:6,9).

▣ **"Jaalalli Waaqayyoo karaa isaatiin beekkama"** kunis Agarsiisa Alsi'aayina sirrii (PERFECT PASSIVE INDICATIVE) kan gocha raawwatame ibsudha. (cf. 4: 12, 17, 18) kunis gama seerlugaan yoo dubbatamu kan sirrii tae miti, Yookiin uumaloon (Genitive) yoo dubbatu.

1. Jaalala Waaqayyoo nuuf qabu. (cf. 4: 12)

2. Jaalala Waaqayyoof qabnu. (cf. 5:3)

3. Jaalalli Waaqayyoo laphee/onnee keenya keessa buufachusaa!

Jechi 'Sirrii/perfect' jedhu (telos. Cf. 4, 12, 12, 18) bilchina, raawwachuu, ykn hojii itti waamaman tokko guutummaatti wal qixxeessanii hojjechuu (Efe. 4: 12) garuu cubbuun ala ta'anii qofa miti. (cf. 1:8, 10)

▣ **"Kanaanis isatti jiraachuu keenya in hubanna"** kunis Amantoota irrati xiyyeeffatu ta'e dandeettii isaan Amantii isaniif ofitti amanamummaa hariiroo waaqayyoo waliin qaban kessati qaban agarsiisa. Yaad-rimeen isa waliin ta'uu keenya (keessa jiraachuu/ itti qabamnee jiraachuu, cf. lak. 6). Ergaa barreeffamoota Yohaannis yeroo ammaa kanadha (cf. Yoh. 14: 20, 23; 15: 4-10; 17; 21, 23, 26, 1Yoh. 2: 24-28; 3:6; 24; 4: 13, 16).

2:6 "isatti jiraachuu" Mata Duree Addaa 2:10 irra jiru ilaali. Kakuu Haaraa abaan akka nu keessa iru ni dubbata (1Yoh. 5:20). Akkasumas abbaanii fi ilmii nu keessa buufatu (Yoh. 14:23 fi 17:21). Gaalee mirkaneeffannaa agarsiisu, akeekkachiisa "ta'innaa" kan qabuudha (2:6 irratti isatti jiraataa jedhee gocha hin xumuramin yeroo ammaa dubbata). Wangeelli qajeelummaa fi itti gaafatamummaa kan qabatee deemuudha.

▣ **“Karaa inni irra adeeme irra adeemuun ni ta’aaf”** Kunis “Amantii dhugaa” akka haala jireenya amantiitti xiyyeeffannoo tokkodha. (cf. Yaq. 2: 14-26). Amantiin murtee qofa miti, garuu itti fufiinsan hariiroo/ waliitti dhufeenya yesuus waliin uumuun fakkeenya jireenya kiristaanummaaf dhimoota guyyaa guyyaan ta’an raawwachuudha. Jireenyi keessaa amala hubatamuu danda’u qaba! Kunis 1:7 irra kan jiruun wal madaala. Kaayyoon kiristaanummaa yeroo du’an, jaannata (Tsiyoon) galuu osoo hin taane, amumalee Kiristoosiin fakkaachuudha! (Rom. 8: 29-30, 2Qor. 3:18, Gal. 4:19, Efe, 1:4; 1Tas. 3:13; 4:3 1Phex. 1:15)! Akka isaaf hojjennuuf gara fayyinaatti waamamne. Akkuma inni hojii waaqayyoo ergame, nuunis hoji isaaf nu ergeera. Akkuma inni lubbuu isaa warra kaaniif dabarsee kenne, nutis akkasuma gochuu qabna, ofii keenyas akka ergamootaatti gad- of qabuun hojjechuu qabna. (cf. 1Yoh. 3:16).

“Isa” kan jedhu “isa tokkicha” jedhamee kan ibsame yeroo mara barreeffama Yohaannis keessatti “Yesuusii” agarsiisa (Yoh. 2:21; 19:35; 1Yoh. 2:6, 3:3, 5, 7, 16; 4:17). Yeroo baayyee karaa kana tuquun ta’a (Yoh 7:11; 9:12, 28; 19:21).

“Inni tokkichi” sun erga Yesuusiin kan agarsiisu ta’ee “isatti” kan jedhu 6a irraa maal agarsiisaa? Yohaannis yeroo baa’ee kaayyoodhaan waan namaaf hin gallee walxaxaatti fayyadama. Inni abbaa agarsiisuu ni danda’a (Yoh. 15:1-2, 9-10) ykn ilma (Yoh. 15:4-6). Wanti dhoksaan akkasii “isa quqlulluu” biratti jedhamee ibsameera lakk. 20.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 2:7-11

⁷Michootakoo! Abboommii moofaa isa durii durii jalqabee isin bira ture malee, aamma abboommii haaraa isiniif hin caafu. Abboommiin moofaa sun immoo dubbicha isuma isin dhageessanidha. ⁸Karaa tokko immoo abboommii haaraa isiniif nan caafa. Kunis isa biratti isin birattis dhugaadha. Ifni dhugaa ammuma waan ibsuuf, dukkanni darbuutti jira. ⁹Namoonni “Ani ifa keessan jira” jechaa obboleessa isaa immoo jibbu, amma iyuu dukkana keessa jira. ¹⁰Namni obboleessa isaa jaallatu ifa keessa ni jiraata. Isa keessas waanti nama gufachiisu hin jiru. ¹¹Namni Obboleessa isaa jibbu garu dukkana keessa jira, dukkannicha keessaas in deddeebi’a, dukkannichi ija isaa waan jaamseef, gara itti adeemu hin beeku.

2:7 “Jaalatamoo/michoota koo” Yohaannis yeroo mara dubbistoota isaa jecha jaalalaatin waama (cf. 2:1) jechi kun kan inni tajaajilu bakka cuuphaatti iba abbaan yesuusiif godhe. (cf. Mat. 3: 17), fi Yeroo Yesuus bifa isaa jijjiirratetti (cf. Mat. 17:5). Xalayaa Yohaannis keessatti immoo kan dibamuu warra fayyaniin ta’udha. (cf. 3: 2, 21, 4: 1: 7: 11 fi 3Yoh. 1, 2, 5, 11)

Barruun biroo immoo yaada “Obboloota/Brothers” (MSSK, L, NKJV) jedhu qabu; garuu Yohaannis kan inni kanatti fayyadame 3:13 irrati qofa. “Jaalatamoo!” kan jedhu Barreeffamoota Giriikiin kan jajjaabeeffamudha. (N,A,B,C,P, and the Vulgate, peshitta, Copitic, and Armenia Versions, [Bruce Metzger, *A Textual Commentary on the Greek New Testament*] kan jedhu fuula 708 ilaali)

▣ **“Abboommii Moofaa isa durii durii jalqabee isin bira ture malee, amma Abboommii haaraa isinif hin caafu!”** Kunis Amala barreeffamoota Yohaaniis (cf. Yoh. 13: 34, 15: 12,17). Jecha yeroo sanatti Abboomichi haaraa hin turre, garuu qulqullina (quality) isaatiin haarawaadha. Amantootni akka walii isaanii jaallataniif, akkuma Yesuus isaan jaallate sanatti abboomamaniiru. (cf. Yoh. 13: 34)

“Abboomichi Moofaan” miira lamaan hubatama

1. Seera Musee (Lew. 19:18)
2. Barsiisota Yesuus wangeela Yohaannis keessatti caafaman (i. e Yoh, 13:34; 15: 12, 17)

▣ **“kakuu isa moofaa”** 2:3 irratti jechi “abboommii” jedhu hedduuminaan ibsame, garuu bakka kanatti qeenteedha. Kun kan inni agarsiisu jaalalli abboommii hundumaa raawwachuu danda’uu isaati (Gal. 5:22; 1Qor. 13:13). Jaalallii dirqama wangeellii gaafatuudha.

▣ **“Isa durii durii jalqabee isin bira ture”** Kunis agarsiisa si’aayina Alsirrii (IMPERFECT ACTIVE INDICATIVE). Kan Dhageeffattoota jalqabaaf ergaa wangeelichaaf yaadaman ibsudha. (cf. Lak. 24, 1: 1; 3: 11; 2Yoh. 5-6)

▣ “... **Dhageessanidha**” Barreeffamootni hedduun gaalee “Durii durii eegaltanii” jedhu itti dabaluu (luqqisii durii keessatti tajaajila).

2:8 “Isaafis dhugaa kan ta’e” saalli kun koorniyaa irraa kan dhufe qooda maqaa lak. 7 kan “Abboomii” wal simsiisu, warra baabsawoo ta’anii (neutral), kan guutummaa wangeelichaaf bakka kennudha. Qoodni maqa jijjiirama kanaa kan Efe. 2: 8-9 irraanis wal fakkaata.

▣ “**Dukkanni darbuutti jira**” kunis agarsiisa giddu gala ammeeti, warra karaa Kiristoosiin Waaqayyo beekaniif bari haaraan dhufuuf jira. One isaanii keessattis ifuuf jira.

▣ “**Ifi dhugaan ammuma waan ifuuf**” Yesuus ifa biyya lafaati (cf. Yoh. 1: 4-5:9: 8:12). Kan gama wangeelaan dhugaa, mul’ata, qulqullina haamlee bakka budha. Yaadannoo 1:5 Si 1,7 irra jiru ilaali. Barri haaraan dhufuuf jira.

2:9 “Obboleessa isaa immoo kan jibbu” Gocha si’aayina amma (Present Active Participle) kan gocha amma dubbatamaa jiru yaada itti fufinsa qabu ibsudha. Jibbi ragaa dukkanummaati. (cf. Mat. 5: 21-26).

2:10 “Namni obboleessa isaa jaallatu ifa keessa in jiraata” Henna ammee Gochima (present tense verbals) kan haala ammaa kan haguuge jirudha. Jaalalli ragaa fayina Amantootaa fi walitti dhufeenya dhuunfaa fi beekumsa dhugaa fi ifaaf qabanidha. Kunis, Abboomii moofaa ta’ullee, haarawaa kan ta’edha. (cf. 3: 11,24; 4: 7, 11, 21)

MATA DUREE ADDAA: ITTI JIRAACHUU/KEESSA BULUU/ BARREEFFAMOOTA YOHAANNIS KEESSATTI

Yohaannis walitti dhufeenya addaa waaqayyoo abbaa fi Yesuus ilma waaqayyoo gidduu jiru ni ibsa. Wangeela isaa keessattis Yesuus waan Abbaaraa dhaga’e dubbata; kan Abbaan hojjetu argas. Yesuus ofii saatiin homaa hin hojjenne, garuu, waan fedha waaqayyoo abbaa ta’e hojjete.

Hariiroon kunis, duuka bu’ummaa fi hojjetaa ta’uun, walitti dhufeenya yesuusii fi Hordofoota isaa gidduu jiraachuu qabu agarsiisa. Gochi kunis kan namni dhuunfaan liqimsee taa’u osoo hin taane, jireenya Hicciitti (ethics) fi haamleeti. Duuka bu’ummaan:- (1) (Fudhachuu) Fakkeenyummaa (Ilaalchi addunyaan wangeelaa akka sagalee waaqayyoo), (2) Walitti dhufeenya. (Yesuus Masihii sa waaqayyoon abdachifame sana kan amanamuu fi kan itti hirkantan). fi (3) Hicciittii (Gaarumma Amalii isaa amantoota saba waaqayyoon mul’ata).

Yesuus Yihudii isa dhugaa ta’uunsaa, ilmaan namootaa haala akkamitti jiraachuun akka isaaniif maluu kan agarsiiseedha. Addaamiinis fakkaachuu agarsiiseera. Yesuus “fakkeenya Waaqayyoo isa sirriidh” eenyummaa nama isa kufee sanaa (1) Waaqayyoon agarsiisuun (2) Bakka keenya du’uun (3) ilmaan namootaatiif fakkeenya ta’eera. Jechi isatti jiraachuu (meno) jedhu Kiristoosiin fakkaachuutti jiraachuu agarsiisa (Roomaa 8:29). Kufaatii irraa deebi’uu (Uumama 3).

Walitti dhufeenyi haaraan Waaqayyo uumama inni uumee waliin taasiifamu, Ergamaa Phaawuloosiiniis jechoota “isatti jiraachu” ykn “anatti yoo jiraattan” kan jedhuun ibsameera.

Haala Yohaannis itti tajaajilame:-

1. Wal keesa buluu/jiraachuu Abbaa fi Ilma gidduu
 - a. Abbaa ilma keessatti (cf. Yoh. 10:38; 14: 0, 11, 20, 17, 21, 23)
 - b. Ilma Abbaa keessatti (cf. Yoh. 10:38, 14, 10, 20, 17, 21)
2. Keessa buluu /jiraachuu waaqayyoo fi amantootaa
 - a. Abbaa Amantoota keessatti (cf. Yoh. 14, 20, 23, 1Yoh. 3: 24: 12-13, 15)
 - b. Amantoota Abba keessatti (cf. Yoh. 14: 23, 17, 21, 1Yoh. 2: 24: 27; 4: 13, 16)
 - c. Ilmi Amantoota keessatti (cf. Yoh. 6: 56, 14; 20, 23: 15: 45; 17; 21, 23)
 - d. Amantootni ilma keessatti (cf. Yoh. 6:56; 14: 20, 23, 15, 4, 5, 7, 1Yoh. 2:6, 24, 27, 28)
3. Keesa jiraachuu (abiding) Firiwwan biroo keessatti (Eenyummaan).
 - a. Sagalee Waaqayyoo
 - 1) Waawummaaf (negatively) (Yoh. 5: 38, 8:37; 1Yoh. 1:10; 1Yoh. 9)

- 2) Eenyummaan (positively) (Yoh. 8: 31; 15:2; 1Yoh. 2: 14, 24; 2Yoh. 9)
- b. Jaalala Waaqayyoo (Yoh. 15: 9-10; 17:26; 1Yoh. 3:17; 4:16)
- c. Afuura Waaqayyoo
 - 1) Ilma irratti (cf. Yoh. 1:32)
 - 2) Amantoota keessatti (Yoh. 14: 17)
- d. Abbomamuun isa keessa dhokachuu (iti qabamanii jiraachuudha). (Yoh. 15:10 1Yoh. 3:24)
- e. Jalalli ifa keessa jiraachuudha. (1Yoh. 2:10)
- f. Fedha waaqayyoo hojjechuun isa waliin jiraachuudha (cf. 1Yoh. 2:17)
- g. Dibamuun isa waliin jiraachuudha. (1Yoh. 2:27)
- h. Dhugaan jiraachu 2Yoh. 2)
- i. Ilmati qabamanii jiraachuu (Yoh. 8: 35; 12:34)
- 4. Itti jiraachuu firiwwan biro keessatti (waawummaan)
 - a. Dhekamsa waaqayyoo jala jiraachuu (Yoh 3: 36)
 - b. Dukkan keessa jiraachuu (Yoh. 12:46)
 - c. Darbatamuun ... gubachuu (jireenya miti) (Yoh. 15:6)
 - d. Cubbamu (itti jirachuu miti) (1Yoh. 3:6)
 - e. Jaalala dhabuu (itti jiraachuu miti) 1Yoh. 3:14)
 - f. Isaaf du'uu dhiisuu (jireenya barabaraa miti) (1Yoh. 3:15)
 - g. Du'a keessatti (1Yoh. 3:14)



NASB, MKJV “Isa keessas waanti nama gufachiisu hin jiru”
NRSV “Nama akkasii keessa waanti nama gufachiisu hin jiru”
TEV “Wanti cubbuutti nu geessu, nu keessa hin jiru”
VJB “Waanti akka inni kufu isa godhu homtuu hin jiru”

Warabbiin (sararri) kun haala lamaan hikamuu danda’a.

1. Amantootni jaalala keessa jiraatan namumaadhumaan (ofuma isaaniif) hin kufan (cf. lak. 11)
2. Amantootni jaalala keessa deeman nama biroollee hin gufachiisan (cf. Mat. 18,6 Rom. 14:13; 1Qor. 8:13) lachan isaaniituu dhugaadha. Wangeelli Amantootas ta’e kanneen birooof ni fayyada. (warra amananii fi hin amanneef).

Kukuu Moofaa keessatti “Gufachuu” jechuun faallaa “Amantii fedhiin fi abboommiin waaqayyoo kan inni ibsamu karaa qajeelinaarra deemuunidha.

Kunis “Deemuu (walk)” kan jedhu haala jireenyaan bakka wal bu’a mata duree addaa Amantoota, Amantii, fi Amanamummaa Kakuu Moofaakeessatti” jedhu Yoh. 1:14 irraa ilaali.

2:11 “Garuu namni obboleessa isaa jibbu dukkana kessa jira; dukkanicha keessas ni deddeebi’e” Kunis Gocha si’aayina ammee (jibbuu/hates) kanagarsiisa. Siy’aayina ammeen hordofamu (walks/Deemu) jibbi mallattoo amantiidhabuuti. (cf. 3:15; 4:20) Ifti fi dukkanni, jaalallii fi jibbi nama tokko keessa hin jiraatan. Kunis hima Yohaannis “Gurraachaa fi Adii” jedhuuf qama tokkodha. Kunis yaadummaa ibsa! Yeroo mara, ta’ullee, mormii amantootni himannaa, jaalala dhabuu fi mormiin walii hin galan.

▣ **“Dukkanni ija saanii waan jaamseef”** kunis kan Amantootni uumamumaan cubuu keessa turan (cf. 2Phex. 1:5-9) Yookiin Gocha seexanaa (cf. 2Qor. 4:4) ibsa. Diina dhala namaa kanneen ta’an sadiitu jira. (1) Sirna kufaatii biyya lafaa (sirna biyya lafaa kufaa kanaa) (2) Qormaata ergamummaan ofumaaf qoran, seexana. (3) Kufaatii dhuunfaa keenyaa, uumamumaan Addaamirraa kan dhufe (cf. Efe. 2: 2-3;16; Yaaqob 4).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 2:12-14

¹²Isin ijollota nanaa! Maqaa isaatiin cubbuun keessan akka isiniif dhiifame isiniif caafuuttan jira. ¹³Isin abboota nanaa! Isa jalqabaa jalqabee sana akka isin beektan isiniif caafuuttan jira. ¹⁴Isin ijoollota nanaa! Abbaa akka beektan isiniif caafeera, Isin abboota nanaa! Isa jalqabaa jalqabee jiru akka beektan isiniif caafeera. Isin dargaggoota nanaa! Isin jaboo akka taatan, dubbiin Waaqayyoos isin keessa akka jiraatu, isa hamaas akka mootan isiniif caafeera.

2:12-14 Gochimoota lamaan (isiniifan caafuufan) fi isiniif caafeera)jedha malee, (NASB 1970) fi NASB 1995 duraa duubaa USB⁴ kan kennuuf filannoo lammataa “A: yo ta’u henna sirrii (PERFECT TENSE) dha. Innis bu’aa yeroo darbee fi kan itti fufu argisiisa. Akkuma inni duraa barsiisota sobaa ibsu, kun immoo Amantootaaf ta’a. amantootaaf Aankii addaa addaa sadiitu kennameef. Ijoollota, Abboota, Dargaggoota, kunis kiristanota hunda ibsuuf malee garee kana sadaniif qofa miti.

Amantootni akka beekaniif waantota Afurtu tarreeffame.

1. Cubbuun isaanii dhiifamuufiisaa (lak. 12)
2. Kiristoosiin Afuura hamaa mo’uusaani (Lakk. 13)
3. Duuka bu’ummaa Abbaa (Lak. 14) fi Ilma (Lak. 13-14) waliin qabaachuu beekuu isaanii
4. Mootummaa Waaqayyoo keessatti jaboo ta’uu isaanii (Lak. 15)

Tarreeffamni kunis gama seerlugaan kan ibsame 1) gaalee “Isiniif caafuuttan jira” kan jedhuu fi 2) Sababoota ja’an (the six hoti) ciroon kaa’aman.

2:12 Maqaa isaatiin cubbuun keessan akka isiniif dhiifame” :- Hojiin Iyyasuus Abdii dhala namaaf dhiifame kennuudha. (perfect passive indicative). Hubannoo Ibirootaatin maqaan amalaa fi namummaa wal qixaati. (cf. 3: 23; 3Yoh. 7, Rom 10: 9-13; Phil. 2: 6-11)

Lak. 12-14 tti Cirootan sababaa (hoti clause) (NASB, NRSV, NJB, sababa’) ykn kan salphumatti gama hog barruun hima dhugaa uumudha. (NET “kan”).

2:13 “Isa jalqabaa jalqabee ture” Qoodni maqaa kun 1Yoh. Kessati kan hiikni isaa ifa ta’ee miti. Tari waaqayyo abbaa ykn waaqayyo ilmaa agarsiisuu danda’a. Akka galumsaatti garuu yesuusiin ibsa. Innis hima durumaan turan isaa fi waaqummaa isaa ibsudha (cf. Yoh. 1: 1, 15; 3:13, 8:48-59; 17: 5, 24; 2Qor. 8:9; Fil. 2: 6-7; Qol. 1:17; Ibr. 1:3).

▣ **“Mootaniittu”** Kunis kakuu yeroo ammaa fi 1Yoh keessatti immoo akeekkachiisa kennamedha (cf. 2:14, 4-5; 18-19). As keessatti Yohaannis jechoota Gurraachaaf adii (ifa ta’anii)n barreesse, amantootni Injifattoota, hanga ammaattuu sababa durumaan dursee kennameef malee kan ammaa miti. Hanga ammaattu wal’aansoo keessa jiru cubbuu , qorammaataa fi du’aa wajjin.

▣ **“Isa Hamaa sana”** Kunis kan “Seexana” ibsudha. Kan lak. 14 irratti deebi’ee eerame sana lak. 13 fi 14 wal fakkaatu. Mata dure addaa Yoh. 12:31 irraa ilaali.

▣ **“Abbaa akka beektaniif”** Yaadrimeen waangeelaa kun kan “Beekuu” jedhu miira Ibirootaatiin Hariiroo namoota gidduu jiru hammatee ofitti simachuu fi waliin hojjechu fi jireenya waliin jiratan ibsa.

MATA DUREE ADDAA: MATA DUREE ADDAA: BEEKUU (KNOW) CAALMAA SEERA KEESSA. KEESSATTI

Gochi Ibirootaa “Beekuu”(know) (BD B 393) jedhu miira hedduu qaba. Qal. keessatti

1. Gaarii fi yaraa/gadhee hubachuu Uma. 3:22 isa Kees. 1:39; Isa 7:14-15 Yonaas 4:11
2. Hubannoon beekuu S. Kees. 9:23, 6; 18; 21
3. Muuxanoon beekuu S. Kees. 3:39; 4:35; 8:2, 3, 5, 11: 2:20:20; 31:13; Iya. 23:14
4. Xiyyeeffachuu (consider) S. Kees. 4:39; 11:2:29:26
5. Ofumaan beekuu
 - a. Nama took Uma. 29:5 Ba’u 1:8; S. Kees. 22:2; 33:9)
 - b. Waaqa tolfamaa S. Kees. 11,23; 13:2, 6, 13, 88: 64; 29; 26; 32;27
 - c. YHWH. S. Kees. 4:35, 39, 7:9; 29:6; Isa. 1 3, 56:10-11
 - d. Saala (sexual) Uma. 4: 1, 7, 25; 24:16; 38;26
6. Dandeettii ykn Beekumsa Baratame- Isa. 29: 11,12; Amos 5:16
7. Gaarii/cimaa/beekaa ta’uu S. Kees. 29:4 Far. 1:2;4:1; Isa 29:24
8. Beekumsa Waaqayyoo
 - a. Kan Musee S,Kees. 34:10
 - b. Kan Israa’el S. Kees. 31: 21. 27. 29

2:14 “Ati Jabaadhu” Hubadhu Ciminni isaanii sagalee waaayyoon jiraachuudhaani, kunis ibsa Phaawuloos Efesoon 6:10-18 irratti kaa’een wal fakkaata. Sagalen ittin jiraatanis wangeeladha. Innis haala waliigalaanis ta’e, haala dhuunfaan, waaqayyo kaka’umsa fi ofii/dhuunfaan fudhachuu, murteessaa ta’e duuka bu’umma, dhugaas ta’e amanamummaa qabaachuu qaba.

▣ **“Dubbiin waaqayyoo si keessa ha jiraatu”** kunis yaad-rimee sagalee waaqayyoo kan namaaf kennudha (wangeelichi, cf. Lak. 24). Kunis ibsa. Yoh. 15 irrati, innis miira waawummaan (negatively) Yoh. 5:38 fi 8:37 irratti tajaajileera.

▣ **“Afuura Hama asana mootaniittu”** kunis Ergamummaa dhugaa irrati xiyyeeffatee kan dhugaa jiru ibsudha. Innis bakka biro lak. 17, 19, 24, 27, 28, 5: 18 fu 2Yoh. 9 irratti deebi’ee argama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 2:15-17

¹⁵Biyya lafaa ykn waan biyya lafaa jaalachutti hin hidhamiinaa namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, waaqayyo abbaa jaalchuun isa keessa hin jiru. ¹⁶Waanti biyya lafaa keessa jiru hundinuu, hawwiin foonii, hawwiin ijaa, jireenyaan kooruunis biyya lafaa keessaa ba’a malee, abbaa biraa hin ba’u. ¹⁷Biyyi lafaa hawwiin isaas hundinuu in darba, namni fedha waaqayyoo raawwatu garuu bara baraan in jiraata.

2:15 “Hin Jaalatiin” Gocha waawumaa, Ajool si’aayina Ammaa (Present active imperative). Kan gochaa tokko dhaabi, kan dura dalagamaa ture jechuudha, hiika jedhu qabudha. Jaalalli biyya lafaa garee barsiisota sobduu warra Ginostikii (Gnostic) agarsiisa.

▣ **“Biyya lafaa”** Kakuu Haaraa keessatti jechi kun miira lama keessatti tajaajila. (1) Pilaaneetii mul’attu kana ykn Hawaa uumame kanaaf (cf. Yoh. 3:16; 16:33; 1Yoh. 4:14) fi (2) Gurmuu namootaa fedha waaqayyoon ala gurmaa’anii hojjetan maraaf (cf. 1Yoh. 2: 15-17; 3:1,3:4:45:5:4-5,19). Inni jalqabaa jalqaba uumama Qaama Dachee (Uma. 1-2) fi lammaffaan immoo uumama kufe (cf. Uma. 3) ibsu. Mata duree addaa “KOSMOS” 14:17 irra ilaali.

MATA DUREE ADDAA: MOOTUMMAA/BULCHIINSA NAMAA

I. SEENSA

- A. Hiikaa- Mootummaa Jechu namumma gurmaa’e miirota barbaachisan dhiyeessuun eeganidha. (kufaattii booda. (cf. Uma. 2:18). Warra, gosa, saba akka Hawaasaatti kennaman.
- B. Kaayyoo- Waaqayyo jeequmsa caala Bulchuu/ qajeelchuu fedhuu isaati.
 1. Seera Musee, keessattuu”Decalog” kan jedhamu, dhala namaaf fedha waaqayyoo ta’e innis kadhataa fi jireenya wal madaalchisa.
 2. Caasaan ykn Bifti mootummaa caaffata qulqullaa’oo keessatti hin eeramne ta’ullee seerri Amantii Isaara’el durii jannataaf al hirmaannaadha. Demookiraasiis ta’e kaapitaaliziimiin dhugaa wangeela miti. Kiristaanummaan Mootummaa keessa jiran keessatti haala gaarii hojjechuudha. Kaayyoon Kiristaanummaa Mootummaa Waaqayyoo Babal’isuuf hojii Waaqayyoo hojjechuu dha malee fincila miti, Mootummaa kam iyyuu ni darba!
- C. Ka’umsa Mootummaa Namaa
 1. Kaatolikiin Roomaa fedhii ofittummaatii jedhu. Aristootil garuu Ragaaa (premis) yoo kennu “Namni beellada Siyaasaati/ man is a political animal” jechuun mootummaan “Jireenya gaarii jiraachuuf kaka’umsa jiru” ta’uus isaa ibsa.
 2. Prooteestaantummaan immoo keessattuu Maartiin Luutar, Mootummaan namaa kufaattii isaa keessaa madde jedhu. Innis “Mootummaa Waaqayyoo bitaatti” waamee, “Waaqayyo Nama badaa to’achuuf nama badaa to’annaarraa kaa’a” jedha.
 3. Kaarlii Maark immoo “Namoonni bartan xiqqoon namoota danuu haala itti to’annaa isaanii jala godhan Mootummaa jedhama” jedhe. Isaaf, Mootummaa fi Amantiin gahee tokko taphatu.

II. IBSA WANGEELAA:

A. Kakuu Moofaa:-

1. Israa'el Fakkeenya jannata keessatti barbaadamudha. Israa'el durii keessatti YHWH'n mootii Isaanii ture. Theyokiraasii (Theocracy)n Waaqayyo kallattuumaan mootii ykn geggeessaa isaanii ta'uu ibsa. (cf. 1 Sam. 8:4-9)
2. Olaantummaan Waaqayyoo Mootummaa/bulchiinsa namaan ta'uun isaa yeroo waamamu beekameera.
 - a. Mootota hundaa, Dan 2:21; 4:17, 24-25
 - b. Ka'aatii Masihummaa dan 2:44-45
 - c. Nebukaadinezar (neo-Babylon) Erm 27:6; Dan 5:28
 - d. Qiiroos (cyrus) 2^{ffaa} (persia) 2 Seen 36:22, Izer 1:1, Isa, 44: 28: 45: 1)
3. Sabni Waaqayyoos warra akka Mootummaatti/geggeessaatti hojjetan kabajaan ilaalaniiru.
 - a. Daani'eel 1-4 Naabukadinaazor (Neo- Babylon)
 - b. Daani'eel 5, Beelshaazar (neo-Babylon)
 - c. Daani'eel 6, Daariyoos (persia)
 - d. Iziraa fi Nahimiyaa (Dersia)
4. Yihuudotni deebi'uuf Qiiroosii fi warra isatti aananii dhufan kadhatan.
 - a. Iziraa 6:10; 7:23
 - b. Yihuudotni Aangoof ni kadhatani. mishnah, A. Vot. 3:2

B. Kakuu Haaraa

1. Yesuus Bulchiinsa namaaf kabaja argisiiseera
 - a. Mat. 17:24-27; Qaraxa mana qulqullummaa kaffale(abbaa taayitaa hawaasummaa if amantii) (1phex. 2:17)
 - b. Mat. 22:15-22; Mar. 12:13-17, Luq. 20:20-26 Mootummaa Roomii fi gibira kaffaluun akka nurra jiruu fi mootummichaaf bitamuu
 - c. Yohannis 19:11 Waaqayyoo mootummoonni akka jiraatanu hayyameera
2. Jechootni Phaawuloos bulchiinsa namaan wal qabataniiru.
 - a. Roomaa 13:1-5, Amantootni akka waaqayyoo dhaabetti bulchiinsa walii eeguu qabu.
 - b. Roomaa 13:6-7, Amantootni Gibira kaffaluu fi bulchitoota isaniif amaanmuu qabu.
 - c. 1 Ximootewos 2: 1-3, Amantootni bulchitoota biyyaaf kadhachuu isaanii.
 - d. Tiitoo 3:1, Amantootni bulchitoota isaaniif abboomamuu qabu. .
3. Jechoota Pheexiroos, bulchiinsa namaan wal qabatan
 - a. HoE. 4: 1-31; 5: 29, Pheexiroosii fi Yohaannis mootota duraatti akkaataa itti jaraaf bitamu qabnu haal duree ka'aniiru
 - b. 1 Phex. 2:13-17
4. Jechoota Yohaannis bulchiinsa namaan wal qabatan
 - a. Mul'ata 17 Baabiloon ishee ejjituu snaatti kan murtaa'ee. Warreen Waaayyoon ala ta'an irratti murtoo dhufu kan agarsiisudha.
 - b. Mul'ata 18, Baabiloon guutummati ni barbadoofte

III. Goolaba:

- A. Bulchiinsi namaa/geggeessaan namaa/ waaqayyoon kenname.
- B. Gibira kaffaluu fi Bulchitoota biyyaaf abboomamuun dirqama Amantootaati.
- C. Bulchitootaaf Ilaalcha gaarii qabaachuu fi gargaaruun Amantootaaf gaarummaadha.
- D. Bulchiinsi namaa kaayyoo waliif ajajamuuti. hojjetoota waaqayyootis.
- E. Bulchiinsi uummataa ol'aantummaa/ofittummaaf miti. Aangoon isaas kan daangeffamedha. (Fil. 3: 20)
- F. Sirna Dimookiraasii keessatti Amantootni jajjabeeffamuu si'aayinaan hirmaannaa gochuu qabu.
- G. Jijjiiramni hawaasaa marii dhuunfaan ta'uu qaba. Mootummoon biyya lafaa waa'ee bara dhufuu abdiin kan itti gatamu miti. Amman illee Waaqayyo kan isaanitti fayyadame ta'uu illee, dhaabbatoota cubbuun laaqamaniidhaan ibsamu "Biyya lafaa' jedhamanii agarsiifamaniiru (1Yoh. 2:15-17)

▣ **“Yookiis waan biyya lafaa”** kunis waantota biyya lafaa jaallachuu kan ibsudha. (cf. Lak. 16). Ykn kan biyyi lafaa dhiyeessitu, kan akka Aango, Kiifoo (prestige), Dhiibbaa (influence) fi k. k. f. (cf. Room. 12:2;

Yaq. 1:27) Biyyi lafaa cubbuun keessa guute kun waan dhala namaa waaqayyo irraa fageessu hedduu dura qaba. Fkn. 1) Sirna bulchiinsa namaa; 2) Sirna Barnoota namaa, 3) Sirna Diinagdee namaa, 4) Sirna Fayya e. t. c.

Akkuma Auogoostiin dubbateetti ilmaana namoota hir'ina Waaqayyoon qofaa guutamuu tokko ni qabu. Nuti garuu jarreen kan wanta biyya lafaatiin guutuuf ni dhamaana. Ta'ullee gammachuu fi milkaa'uummaa kan nuti argannu Waaqayyoon qofaani. Ofittummaan yakka Jannata keessaa nama baasuudha.

☐ **“Utuu”** (If^{cc} Hima Otolaa sadarkaa sadaffaa kan gocha kuufame ykn yaadame tokko ibsuudha. Jaalalli keenya eenyu akka taane beekuuf ragaaa nuuf ta'a. Kan waan Waaqayyoo noo kan seexanaa.

2:16 “Hawwii Foonii” Dhala namaa kufaa (cubbamaa) kana ilaalcha Inni barbaadu ibsa. (cf. Gal. 5: 16-21; Efe. 2:3; qPhex. 2:11) Mata duree addaa Foon (xarx) jedhu Yoh. 1:14 ilaali.

☐ **“Hawwii Ijaa”** Akka Yihuudonni ilaalanitti Iji, Foddaa Afuura/lubbuuti. Cubbuunis jireenya keessaan dhufee, kan gocha isaa haalaan hojjetudha. Gochi nama tokkoo haala jireenya isaa keessatti babal'achaa adeema. (ev. Yoh. 19:13)

☐ **“Jireenyaan kooruunis”** Kunis of tuulummaa namaa waaqayyo irraa adda nama baasuu isaati. Caaffata *“The Jerome Bible Commentary, Vol. II, n jedhu keessatti Raymond Brown”* Beekaanii haaromsaa kaatolikii gaalee kana ni dubbata.

“However, ala zoneia, found also in James 4:16; has a more active meaning than more pride: Iti denotes arrogance, boastfulness, the conviction of self sufficiency” (p. 408).

Jechi jireenya jedhu “bios” kan biyya lafaarraatti, foonii, yeroo gabaabduuf pilaaneetii kana irratti dabarsanii dha. (1Yoh. 3:17). Jireenyi akkasii kan inni ibsu jireenya barsiisoota sobduu warra giinoostiiksii fi amala nama lamme hin dhalanneeti. Waaqayyo nu gargaara, Isinis Amala Kiristaanummaa ni calaqqisiisu!

☐ **“Biyya lafaa keessaa ba'a malee Waaqayyo biraa hin ba'u”** Kiristaanotni biyya lafaa akka hin jaalanneef sababoota lamatu jiru.

1. Jaalalli kun Waaqayyoo biraa miti. (cf. Lak. 16)
2. Biyyi lafaa kan darbitu ta'uu isaa (cf. Lak. 17)

2:17 “Biyyi lafaa ni darba” Kunis Agarsiisa giddugala ammee (present middle indicative). (cf. 2:8) kunis baroota lamaan yihuudotaan walqabata. Bara haaraa fi baricha dhufuuf jiru; Barri moofaa cubbuun guute fi fincilli hundi ni darba (cf. Rom 8:18-25).

MATA DUREE ADDAA: BARA KANAA FI BARA ISA DHUFUUF JIRU

Raajotni kakuu moofaa inni gara duraa, kan ammaa kana akka bakka bu'ee tajaajilutti ialaalu. Isaaniif kan fuul-duraa sun, Isiraa'el ykn biyyi Isiraa'el deebitee ijaaramuu isheeti. Ta'ullee, Akka guyyaa haaraatti ilaalu. (cf. Isa. 65:17; 66:22). Ogbarruun dhuma biyya lafaas Isiraa'eloota keessatti waan YHWN'n mormanii dagaagaa dhufeera. Barreeffamootni kunneenis baroota lama gargar baasanii ibsu. Bara hameenya yeroo sanaa kan Seexanaan mo'atame fi Bara qajeelinaa isa dhufaa jiru kan afuura qulqulluun mo'atamee/weeraramee Masihichaan ibsamudha.

Tiyooloojii kana keessatti guddinni ifa ta'e in jira. Beektotni Tiyooloojii, “Mul'ata wal irraa hin cinne” jedhanii waamu. Kakuu haaraanis Baroota faallaa lamaan kana cimsee dhugaa jiru ni ibsa.

<u>Yesuus</u>	<u>Phaawuloos</u>	<u>Ibiroota</u>
Matiwoos 12:32	Roomaa 12:2	1:2
Maatewoos 13:22 fi 29	1Qor. 1:20,2:6,8,3,18	6:5
Maarqoos 10:30	2Qor. 4:4	11:3
Luqaas 16:8	Galaatiyaa 1:4	
Luqaas 18:30	Efeesoon 1:21,2:1,7,6:12	
Luqaas 20:34-35	1Ximootiwoos 6:17	
	2Ximootiwoos 4:10	
	Tiitoo 2:12	

Kakuu haaraa keessatti barootni lamaan kun sababa lammata dhufuu kiristoosiif tilmaamni hin jirreef wal irraa dhufu. Dhalootni Iyyesuus, Bara haaraa raajotaan kakuu moofaa keessatti dubbatame fiixaan baase. (Dan. 2:44-45). Haa ta'uu malee, Kakuu Moofaan deebi'ee dhufuu Kiristoos akka abbaa firdii fi mootiitti ibsa, jalqaba irratti akka tajaajilaa gidirfamaatti akka dhufe (Isa. 53; Akaa 12:10) irrattis ni ibsa. Garaa laafaa fi ofi gadi qabee (Zakaa. 9:9). Akkuma Kakuun Moofaa dubbatetti humnaan ni dhufa (Mul'ata 19). Gulantaan dacha kun lamman akka mootummaa isaa jiraatu taasiisa (anaa wanta raawwatamee hin xumuramne) garuu gara fuula duraatti (wanta raawwatamu) ta'u agarsiisa. Kun yaada Kakuu Haaraa raawwatama garuu kan mul'achuun isaa eegamaa jiru jedhu agarsiisa.

▣ **“Namni fedha waaqayyoo hojjetu garuu barabaraan in jiraata”** Jireenyi barba baraa jireenya jaalalaan wal qabatuyyuu, Amantii yeroo darbe sana qofa ilaala jechuu miti. (cf. Mat. 25: 31-46; Yaq. 2:14-26). Mata duree addaa: “Fedhii Waaqayyoo” jedhu Yoh. 4:34 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 2:18-25

¹⁸Ijoollee! yeroon kun isa dhumaati. Kiristoosiin kan mormu akka dhufu kanaan dura dhageessaniittu, Ammas warri Kiristoosiin morman baay'ataniiru. Kanaafis yerichi isa dhumaa akka ta'e nuyi in beekna. ¹⁹Isaan nu keessaa ba'an malee kan keenya miti. Utuu kan keenya ta'anii nu wajjin itti in fufu turan, Garuu isaan hundinuu kan keenya akka hin ta'iin haala mul'atuuf nu keessaa ba'an. ²⁰Isin garuu isa qulqulluu sanaan dibamtaniittu, hundumti keessanis beektota. ²¹Isin dhugaa waan hin beekneefan isiniif caafa miti, waan isin isa beektaniif dhugaa keessaas sobni tokko illee waan hin baaneefan isiniif caafa malee, ²²Isuma yesuus kun kiristoos yookiis Masihicha ta'uu isaa ganu malee, sobduun eenyuree? Mormituun kiristoos, inni abbaa fi ilma ganu isa kana. ²³Namni Ilmicha ganu abbicha wajjin firooma hin qabu; Ilmicha amanachuu isaa kan beeksisu immoo abbicha wajjin firooma qaba. ²⁴Waanti isin jalqabaa jalqabdani dhageessan garaa keessan keessaa haa jiraatu. Waanti isin jalqabaa jalqabdani dhageessan garaa keessan keessa yoo jiraate, isinis ilmichaa fi abbicha keessa in jiraatu. ²⁵Abdiin inni nu abdachiise isa kana. Innis Jireenya barabaraati.

2:18 **“Ijoollee!”** Yaadannoo 2:1 irra jiru ilaali.

▣ **“Yeroon kun isa dhumaati”** Gama ogbarruun **“Yericha dhumaa”** kan jedhu kan Seeraan murtaa'e miti, (Asqofatti argama) Akkuma **“Guyyoota dhumaa”** gaalee Kakuu Haaraa(KH) keessatti lammata dhufuu yesuus Kiristoosi ibsuuf tajaajiledha.

▣ **“Farra/mormituu Kiristoos . . . Mormitoota Kiristoos”** Ibsi gaalee kanaa danoominaa fi baaqqina agarsiisa; lachuu kan seeraan murtaa'an miti. (MSS, s*, B, C, hordofuun). Jecha kanatti Yohaannis qofatu fayyadama. Kakuu Haaraakeessatti (cf. 2:18, 22; 4: 3; 2Yoh. 7)

▣ **“Dhufuuf jira”** Gama Tiyoooloojiin, hanga seexanni yericha hin beeknetti, yeroo deebi'uu Kiristoos, hanga carraa qabutti yeroof addunyaa kana seerrata.

▣ **“Ni jiru”** Afuurri **“mormituu”** Kiristoos durumaan dursee jiraachuu isaa fi biyya lafaa cubbamaa kana keessatti akka hojjetu ibsa.

2:19 **“Isaan nu keessaa ba'an malee kan keenya miti”** Isaanis warra dhugaan, jaalalli fi Hawiloo (perseverance) itti hir'atee amantoota ta'uu dhabuu isaaniif ragaaa itti ta'udha. Barreessaan 1Yoh. gochima Henna kana filachuuf baay'ee hubannoo itti fayyadameera. Lak. 19 kan calaqqisiisu.

1. Barsiisotni sobduun kophaa hafuu isaanii
2. Isaan dhugumaan qaama isaanii akka hin taane.
3. Osoo qaama isaanii ta'anii kophaa akka hin baafamne.

▣ **“Utuu”** Hima otolaa sadarkaa lammaffaa kana gocha raawwatame dubbatudha. kan dhugaa ibsudha. Kunis akka “If they had belonged to us” kan garuu hin turre jedhuun hiikama. (Lak. 24, 27, 28). Amantii dhugaan nama keessa buluun ija godhata. (cf. Mat. 13:1-23) Mata duree addaa Yoh. 8:31 irraa ilaali.

2:20”Isin garuu isa qulqulluu sanaan dibamantiittu” “Isin” kan jedhu danoomina kan xiyyeeffannoo Giriicf.keessatti warra amanan ilaallatudha. Yohaannis akka ibsettis Garee warra Ginoostikii (Gnostics) osoo hin taane amantoota warra dibamanidha.

MATA DUREE ADDAA: QULQULLICHA

“Qulqullicha” kan jedhu kan inni ibsu.

1. Waaqayyo Abbaa (cf. K. M. keessatti ergaa, Qulqullicha Isiraa’el jedhuun).
2. Waaqayyo Ilmaa (cf. Marq. 1:24; Luq. 4:34, Yoh. 6:69; Hoer. 3:14).
3. Waaqayyo Afuura qulqulluu (Aankiisaa “Afuura qulqulluu” cf. Yoh. 1:33; 14:26, 20:22)

Hojiin Ergamootaa 10:38 bakka waaqoliin sadan dibumsaaf itti eeramanidha. Yesuus dibameera. (cf. Luq. 4:18; Hoer. 4:17; 10:38). Yaad-rimeen kun asitti Amantoota hunda hammata. (cf. 1Yoh. 2:27). Inni dibu sun isa dibamedha! Kunis “mormituu kiristoosii fi mormitoota kiristoos” kan jedhuun wal fakkaata. (cf. 1Yoh. 2:18) warri mallattoof/fakkeenyaaf kakuu moofaa keessatti fooniin dibaman Zayitiin itti dhangala’e, (cf. Ba’u 29:7, 30:25; 37:29) warra hojii waaqayyoo hojjetaniin wal qabata. (i. e. Raajota, Luboota, Mootota). Jechi kiristoos jedhu kun Afaan Ibirootaan “Isa dibame sana” ykn Masihicha jedhudha.

▣ **“Dibamuu”** Mata duree addaa. DIBAMUU WANGEELA keessatti Yoh. 11:2 ilaali.

▣

NASB “Hundi keessanuu beektu”

NKJV “Isin waantota hundaa beektu”

NRSV “Hundi keessanuu beekumsa qabdu”

TEV “Kanaaf hundi keessanuu dhugicha beektu.

NJB. “Hunduu beekumsa argateera”

Yohaannis akka ibsutti Amantootni beekumsa Bu’uuraa qabu (lak. 27 fi Yoh. 16:7-14, Erm 31:34) Yohaannisiif dhugaan akka waliigalaattis ta’ee akka dhuunfaatti kan beekamu akkuma dibamuun wangeela ykn Afuura qulqulluu ibsuti. Gaalee kanaaf barreeffamoota Giriicf.adda addaatu jiru. . . “NKJV”n barreeffamoota durii A, C, fi K, kanneen panta, a NGURTER PLURA, kanneen akka Aantima sirriitti tajaajilan yoo hordofu, NASB immoo barreeffamoota N; B, fi P kanneen “Pantes” qaban, AMASCULINE PLURAL, kan dhimma (subject) “Isin hundi” jedhu irratti xiyyeeffatan hordofa. UBS⁴n reekii “B” kennaaf. dibamuu fi beekumsi Amantoota hundaaf kenname, malee filannoon miti.

2:21 Kun barreeffama Yohaannis kan dubbistootni amantii qulqullaa’aa fi dhugaa beekuu akka qaban ibsudha.

2:22 “Warra sobdoota” Gaaleen kun hiika seera qabeessa qaba. Kanaaf, Yohaannis:-

1. Barsiitota sobduu akka ba’an. (cerinthus)
2. “Soba guddaa” fi wangeela ganuu (cf. 5:16)

Sobduun mormituu Kiristoosiin tokkuma. Afuurri mormituu Kiristoos bartoota hunda keenyayyuu ni jira. Hiikni isaa bu’uuraaas “kan yesuus Kiristoos ta’uusaa ganu” jechuudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 2:26-27

²⁶Kanas waa’ee warra karaa irraa isin kaachisuutti jiraniifan isiniif caafe. ²⁷Dibanni isin isa biraa fudhattan garuu isin keessa in jiraata: inni waan isin barsiisuuf, namni biraa isin barsiisuu hin barbaachisu. Afuurri isaa inni dibata jedhame kun waa’ee waan hundumaa isin in barsiisa; barsiifni isaas dhugaadha. Sobnis keessa hin jiru, egaa akkuma inni isin barsiisetti isatti jiraadhaa.

2:26 “Warra isin gowwoomsuuf yaalan” Gowwoomsitootni baroota kam keessayyuu ni jiru. (cf. Mat. 7:15; 24:11:24; 2Yoh. 7)

2:27 “Isa dibame” Kunis bu’aa dibamuu irratti xiyyeeffata malee hiika ykn kan jedhame irratti miti. (Afuura qulqulluu). Dibamuun yaad-rimee KM. kan namni tokko hojii waaqayyo isatti kenne hojjechuuf waamamudha.

Raajotni, Lubootni fi Moototni ni dibamu turan jechi kunis maddii isaa “Masihii” waliin waliin wal qabata. As keessatti kan inni ibsu bu’aa nageenyaa kan Afuurri qulqulluun laphee fi sammuu Amantootaa banee wangeela ibseefii akka isaan fudhatan godhedha. Mata duree addaa “Dibamuu” jedhu Yoh. 11:2 irraa ilaali.

▣ **“Kan isin fudhattan”** Kunis Miirsoo Agarsiisa Si’aayinaa (AORIST ACTIVE INDICATIVE) kan gocha yeroo darbe raawwatame ibsudha. “Dibamuu” kan jedhu “Dhageesseetta” kan jedhuun wal fakkaata. Lak. 24 irraa Wangeelli fudhatamuu kan qabu 1) Namni dhuunfaa amantiin (cf. Yoh. 1:12; 3:16) fi 2) Akka qaama dhugaatti (cf. 2Yoh. 14:26). Ta’uuyuu, kennaan barsiisotaa waldoolee duriif ammaa keessatti kan guutummaatti hojii irra oole miti. Gochi kunneen lamaanis kan inni ta’u Afuura qulqulluutiin.

▣ **“Namni biraa isin barsiisuu hin barbaachisu”** Luqqisiin 27 Lakk. 20’n wal fakkaata. (i. e kakuu haaraa, Erm 31:34). Kun ergaa Yohaannis yeroo ammaatis. (Lak. 20. 24, 27). Afuura qulqulluu malee, barsiisotni sobduun barsiisaa nuuf ta’uu hin qaban. (cf. Yoh. 14:26) kun salphaadhumatti waantotni bu’uura ta’anii fayyinaan wal qabatan Afuura qulqulluu irraa dhufu jechuudha. Wangeelarraa dhufa jechuudha malee waan addaarraa, barsiisa namaarraa jechuu miti.

▣ **“Inni garuu waa’ee waan hundumaa isin in barsiisa, barsiifni isaas dhugaadha. Sobnis keessa hin jiru”** Kunis dhugaa Afuura ibsa. Kiristaanni kamiyyuu qajeelcha Afuura qulqulluu yaada isaa keessaa ni qaba. Nutis geggeessaa isaaf miireffannoo qabaachuu qabna.

▣ **“Akkuma inni isin barsiisetti, Isatti jiraadhaa!”** Kunis olinsoo Si’aayina Ammee (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE) kan ta’edha. Yohaannis yaad-rimee “Itti jiraachuu” jedhu akka firii fayyinaatti dubbistoota isaaf xalayaa kana keessatti adda baasee eera. (cf. Yoh. 15) kallattii waaqummaan ta’ee kallattii namaan waanti “Itti jiraachuu” keessatti hammatamu ni jira. Mata duree addaa “Itti jiraachuu” 2:10” dubbisi.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’aa, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Amantii barsiisota Sobdu ibsi.
2. Ragaa ittiin dhugumaan qulqullaa’uu keenya beeknu kenni.
3. Hariiroo cubbuu baratamaa fi kan tasa ta’u gidduu jiru ibsi.
4. hariiroo ergamummaa/fayyinaaf/ dursee murtaa’ee fi nageenya amantootaa giddu jiru ibsi.
5. Farra namootaa sadan tarreessii ibsi.

1 YOHAANNIS 4

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Afuura Waaqayyoo fi Afuura Mormituu kiristoos	Afuura Dhugaa fi Afuura Wallaalchisaa	Hubannoo dhugaa fi dogoggoraa	Afuura dhugaa fi Afuura sobaa	Haala sadaffaa mormituu kiristoos irraa of eegachuu fi Biyya lafaarraa of eegachuu
4:1-6	3:24-4:6	4:1-6	4:1-3 4:4-6	4:1-6 Madda jaalalaaf amantii (4:7-5:13)
Waaqayyo Jaalala	Jaalalaan Waaqayyo beekuu/hubachuu	Jaalala Eebbifamaa	Waaqayyo Jaalala	Madda Jaalalaa
4:7-12	4:7-11 Jaalalaan Waaqayyo barbaaduu 4:12-16	4:7-12	4:7-10 4:11-12	4:7-5:4
4:13-16a		4:13-16b	4:13-16a	
4:16b-21	Barbaachisummaa Jaalalaa 4: 17-19 Amantiin Abboomamuu 4:20-5:5	4:16b-21	4:16b-18 4:19-21	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

HUBANNOO WALIIGALAA 4:1-21 tiif

- A. Yohaannis 4 gama hog-barruutiin, warra waa'ee waaqayyoo dubbachuuf labsan akka adda baafataniif baruun adda durummaan barbaachisudha. Ergaan kunis kanneen armaan gadiin wal qabata.
1. Ragoota sobduu warra mormitoota Kiristoos jedhaman (cf. 2:18-25)
 2. Warra nama Gowwoomsuuf yaalan (cf. 2:26; 3: 7)
 3. Warra dhugaa fakkeessanii beekumsa Afuura biraan labsan (cf. 3:24)
- B. 1Yoh. Gumeessuuf (to outline) baay'ee ulfaataa. Sababiin isaas Ergaan isaa **halliyva** (recurring pattern) waan ta'eefidha. Kun Boqonnaa "4" keessatti dhugaa ifa ta'edha. Innis Ergaa boqonnaawwan duraan (duraa) keessatti yaadaman irra deebi'ee xiyyeeffannoo itti kenna. Keessattuu akka obbolootni (Amantootni) walii isaanii jaallatan (cf. Lak. 7-21, 2:7-12 fi 3:11-24)
- C. Yohaannis barreeffama barsiisota sobduu balaaleffatuu fi kan Amantoota dhugaa jajjabeessudha. Innis kana kan godhu yaalii (qorannoo hedduu gochuudhaani)
1. Qorannoo Seer-bulloo (Doctrinal test) (Yesuusitti amanuu, cf. 1Yoh. 2:18-25; 4:1-6; 14-16; 5:1, 5, 10)
 2. Qorannoo haala jireenyaa (Abboomamuu, cf. 1Yoh. 2:3-7; 3:1-10; 22-24)
 3. Qorannoo Hawaasummaa (Love/Jaalala), 1Yoh. 2:7-11; 3:11-18; 4: 7-12; 16-21; 5:1-2) Caaffatni qulqullaa'oo hedduun barsiisota sobduu gargaaran walqabatee barreeffameera. 1Yoh. Dhaaltuu barsiisa Sobaa warra "Gnostics" adda baasee ibseera. Kutaan Macaafa Kakuu Haaraakan biroonis warra dhugaan keessa isaanii hin jirre (soba) adda baasee ibseera. (cf. Yoh. 13; Rom. 10:9-13; 1Qor. 12:3). Maddoota garaagaraarraas Dogoggoroota adda addaatu jira.
 1. Abbootii seeraa warra Yihuudii (Jewish Legalists)
 2. Filoosoofaroota (Falaasfota) Giriicf.
 3. M oriilaayitoota Giriicf. ('Greek antinomians)
 4. Warra Muuxannoo Afuura biroon labsii godhan.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 4:1-6

¹ Michoota ko! warra hafuuran in dubbannu jedhan hunda hin amanannaa, waaqayyoo biraa yoo ta'an hafuurota isaan ittiin dubbatan qoraatii ilaalaa malee, raajonni sobduun baay'een gara biyya lafaatti ba'aniiru. ²Hafuurri, yesuus kiristoos fooniin dhufuu isaa amanatee beeksise hundunuu, kan waaqayyooti. Kanaanis Afuura waaqayyoo ta'uu isaa in hubattu. ³Hafuurri akka kanatti yesuusiin amanatee hin beeksifne hundinuu garuu, kan waaqayyoo miti, inni kun Hafuura isa kiristoosiin mormu, isa isin akka inni dhufu dhageessanidha. Inni ammumaa biyya lafaa keessa jira. ⁴Ijoolleeko! Isin kan waaqayyooti, Raajota sobduu sanas Mootaniitti Hafuura isa biyya lafaa keessa jiru sana irra, Isa isin keessa jirutu caala'oo. ⁵Isaan kan biyya lafaati, kanaaf isa biyya lafaa in dubbatu, Biyyi lafaas isaan in dhaggeeffata. ⁶Nuyi kan waaqayyooti, Namni Waaqayyoon beekus nu dhaggeeffata. Inni kan Waaqayyoo hin ta'iin immoo, nu hin dhaggeeffatu; kanaan hafuura dhugaa, hafuura sobaattii gargar baafnee in hubanna.

4:1 "Hin amaniinaa" Oliinsoo Ammee (PRESENT IMPERATIVE) kan fuca (particles) waawummaa (negative) qabudha, kan waanta dura gochaa turan akka dhaaban/dhiisan nama abboomudha. Yaadni kiristaanotni fudhachuu qaban Eenyummaa cimaa ta'e, falmii ragaaan deeggarama, Dingii waaqayyoorraa ta'e ta'en qaba. Raajotni sobduun 1) Waa'ee waaqayyoo dubbanna jedhu. 2)Mul'ata addaa waaqayyoo irraa dhufe qabna jedhanii labu.

MATA DUREE ADDAA: KIRISTAANOTNI WALII ISAANIITTI FARADUU QABUU?

Dhimmi kun karaalee lamaan ilaalamuu danda'a.

1. Amantootni wal abboomuu (waliitti faraduu) osoo hin taane wal-gorsuu qabu. (cf. Mat. 9:1-5, Luq. 6:37, 42; Rom. 2:1-11; Yaq. 4:11-12)
2. Amantootni Geggeessitoota madaaluuf gorfamuu qabu. (cf. Mat. 7:6, 15-16; 1Qor. 14:29; 1Tas. 5:21; 1Xim. 3:1-13; fi 1Yoh. 4:1-6)

Madaallii seera qabeessa (sirrii) ta'eef ulaagaalee muraasni ni jiru.

1. Madaalliin wal jajjabeessuuf kan ta'u ta'uu qaba. (cf. 1Yoh. 4:1, qormaata.) (mirkaneessuuf)
2. Madaalliin Danbooba/Obsaa fi Of-eeggannoon ta'uu qaba. (cf. Gal. 6:1)
3. Madaalliin dhimma filannoo dhuunfaaf ta'uu hin qabu. (cf. 14:1-23; 1Qor. 8:1-18; 10:23-33)
4. Madaalliin Geggeessitoota warra 'ceephoof qabaman' adda baasuun waldaalee fi hawaasa keessatti mul'isuu qaba. (1Xim. 3)

▣ **“Afuura kamiyyuu”** Afuurri kun miira nama dhuunfaan kan tajaajiludha. yaadannoo 4:6 irraa ilaali. Kunis Ergaa Waaqayyo biraa dhufe sana ibsuuf kan galedha. (Heresy) Amantiin addaa waldaa kiristaanaa irraa dhufa. (cf. 2:19). barsiisotni sobduun waa'ee waaqayyoo dubbachuu isaanii labsu. Akka Yohaannis ibsetti maddoota Afuuraa lamatu jira.

▣ **“Garuu Afuuricha Qoraa”** Oliinso Si'aayina Ammee (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE) dha. Kunneen lachuu kennaa Afuuraati. (cf. 1Qor. 12:10; 14:29) fi Amantoota hundaaf, kan barbaachisaa ta'e, akkuma kadhataa, ergamummaa fi kennaati (giving). Jechi Giriicf. “domimazo” jedhu kun waraabbii “Waan tokko mirkaneessuuf qoruu” kan jedhu qaba. Amantootni garuu, (cf. 1Qor. 13:4-7; Mar. 5:20-21).

MATA DUREE ADDAA: JECHOOTA GIRIIK “QURUU”f. HIIKA DABALATA ISAANIIF TA'AN

Nama tokko “kaayyoo qoruu” kan jedhuuf jechoota Giriiki lamatu jiru.

1. *Dokinazō, Dokimion, Dokimasia.*

Jechi kun Ogummaa sibiilaa keessaatti sanyii sibiilaa/waantotaa qoruuf kan itti tajaajilamanidha. Kunis, namallee kan bakka bu'edha. kan inni ta'us ibiddaani. Ibiddis sibiila sirrii adda baasuun, waaldaa isaa immoo irraa guba. Adeemsi mulataan kun jechama Waaqayyootillee human qabeessa kan ta'e Waaqayyo, seexanni ykn namni kan biroo qoruuf yaalii godhu ni ibsa.

Qoramaata kakuu Haaraa (KH/keessattis tajaajileera.

- a. Qotiyyoowwan- Luq. 14:19
- b. Ofuma keenyaaf- 1Qor. 11:28
- c. Amantii keenya- Yaq. 1;3
- d. Waaqayyollee taanaan: Ibr. 3:9

Bu'aan Qoramaata kanaas Eenyummaa (poosatiivii)'n yaadame (cf. Rom 1:28; 14:22; 16:10; 2Qor. 10:18; 13:3; Fil. 2:27; 1Phex. 1:7) Kanaaf, Yaadni isaa kunis nama tokko qorani sirreessuu (mirkaneessuudha.

- a. Bu'a qabeessa akka ta'uuf
- b. Gaarii akka ta'uuf
- c. amaa akka ta'uuf
- d. Qabatamaa/gati qabeessa akka ta'uuf
- e. Ulfaataa/Amanamaa akka ta'uuf

2. *Peirazō Peirasmus*

Jechi kun hiikaa “Mormuuf ykn kaayyoo diigumsaa nama tokko qoruu” jedhu qaba. Innis Qoramuu lafa Onaatti Yesuus irraa ga'een kan wal qabatudha.

- a. Yesuus qabachuuf qormaata ta'e (cf. Mat. 4:1, 16:1; 9:3; 22:18, 35; Mar. 1:3; Luq. 4:38; Ibr. 2:18)
- b. Jechi kun (Peirazon) Aankii seexanaaf Mat. 4:3; 1Tas. 3:5 irratti tajaajileera.
- c. Akka “waaqayyo hin qoriiin” jedhee yesuus akeekkachiiseenis tajaajileera. (cf. Mat 14:7; Luq. 4:12). Yesuusiiif immoo 1Qor. 10:9). Kan biroo immoo namni tokko kufuu qaba jedhani kan qoran agarsiisa. (cf. Hoer. 9:20; 20:21; Ibr. 11:29). Qormaataa fi Himannaa ykn Ari'atamuu kiristaanotanis wal qabata. (cf. 1Qor. 7:5 10:9;13; Gal. 6:1; Tas. 3:5; Ibr. 2:48; Yaq. 1,2,13,14, 1Phex. 4:12; 2Phes. 2:9). Waaqayyo diinota dhala namaa ta'an sadii kaa'eera. (Biyya lafaa, Fedhii foonii fi Seexana)

▣ **“Raajotni Sobduu baay’een gara biyya lafaatti waan ba’aniif”** Kunis Agarsiisa si’aayina sirrii (PERFECT ACTIVE INDICATIVE) dha. (cf. Er. 14:14; 23:21;29:8; Mat. 7:15; 24:11,24; Hoer 20:28-30; 2Phex. 2:2; 1Yoh. 2:18-19; 24; 3:7; 2Yoh. 7).

Mata Duree Addaa: Kakuu Haaraa Yohn. 4:19 ilaali.

4:2 “Kanaanis afuura Waaqayyoo ta’uu isaa in hubattu” Seer-lugni kunis bifa Agarsiisa si’aayina Ammee (Present active indicative) ykn Oliinsoo si’aayina kanumti akkasii itti jiraachuu (abide) 2:27 fi “Beekuu” (know) 2:29 irra ni jira. Afuurri qulqulluun yeroo maraa yesuus ulfeessa. (cf. Yoh. 14:26; 15:26; 16:13-15). Qiranaatumti akkasii barreeffama phaawuloos 1Qor. 12:3 irras in jira.

▣ **“Afuurri beksisu kamiyyuu ...”** Kunis Agarsiisa si’aayina ammaa (present active indicative) kan ibsa yeroo darbee mirkaneessuu osoo hin taane, kan fuulduraafis itti fufu ibsuudha. Jechi Giriicf. “ibsuu (confess)” jedhu. Jecha dacha “tokkuma/the sane” jedhu fi “dubbachuu/ to speak” jedhu irraa dhufee kan hiika “waanuma wal fakkatu dubbachuu/ to say the same thing” jecha qabudha. Kunis ergaa yeroo ammaa kana ‘1Yoh’f ta’udha. (cf. 1Yoh. 1:9;2:23; 4:2-3; 4:15; Yoh. 9:22; 2Yoh. 7) Mata dure addaa Yoh. 9:22 ilaali.

▣ **“Yesuus Kiristoos isa waaqayyo biraa fooniin dhufe”** Kunis Gocha si’aayina sirrii (PERFECT ACTIVE PARTICIPLE) dha. Kunis seer-bultoo (doctrinal) barbaachisaa barsiisota sobduu ittiin qoruuf ykn madaaluuf ta’udha. Ibsi bu’uura isaas yesuuf nama guutuu ta’uusaa, (i. e Fooniin kan “Gnostics” morman) akkasumas waaqa Guutuu, (cf. 1:14; 2Yoh. 7; Yoh. 1:14, 1Xim. 3:16). Henna sirraawoon (PERFECT TENSE). Namummaan yesuus yeroof osoo hin taane, dhaabbataa ta’uu isaa mirkaneessee ibsa. Kunis dhimma xiqqaa miti. Yesuus bifa namaa qabatee dhugaa dhumaan kan Waaqa tokko ta’edha.

4:3 “Afuurri yesuus hin beeksifne” Barreessittonni Kakuu Haaraa kanneen akka Kilaament, Aleksaandaria kan ta’e Oriigan fi Turtulian Yesuus Kiristoosiin akka inni hafuura namummaa fi hafuura Waaqummaa addaan baasanii barreessaniin akka barreeffamoota giinoostiksii kan walfakkaatan ta’uun isaan tiyoolojiin akka hawwatamu kan taasisuudha. Innis jireenya waldaalee durii fi mormii du’aa Amantii addaati (Bart Brhart, *The orthodox corrupton of scripture*, pp. 125-135 irraa ilaali).

▣ **“Afuura isa Kiristoosiin mormu”** Asitti jechi kun (cf. 2:18-25) mormituu warra Kiristoos Gananii fi warra bakka isaf hin laanneef tajaajila.

▣ **“ammayyuu biyya lafaa keessa jira. Akka inni dhufus isa dhageessan sana”** kunis agarsiisa si’aayina sirrii (PERFECT ACTIVE INDICATIVE) Kan Yohaannis durumayyuu dhimma kana itti himuu isaa fi ammallee dhufuu isaa bisudha. Afaan Giriikin qoodni maqaa “Inni (it)” jedhu, Afuura Baabsawaa (neutral spirit)’n walitti firoomsa. Akkuma 2:18 gaaleen kun Afuura Yesuusiin mormu agarsiisa. Barsiisoonni warreen giinoostiiksii kunneen saaphana odeeffannoo sobaa diriirsaniiru, haala jireenyaa sobduu, ogummaa sobduu baraa qabu abbaa sobaa isa Seera Uma. 3 irratti ibsameerra, Bara xumuraattis mormituu Kiristoos ta’e mul’achuuf akka isa jiru saniitti. (2Tas. 2 fi Mul’ata 13 ilaali).

4:4-6 “Ati/Isin...Isaan ...Nutii” Qoodni maqaalee kun hunduu xiyyeeffamoo keessa galuu qabu. Kanneen ibsaman Garee sadiitu jiru.

1. Amantoota dhuga (Yohannis fi dubbistoota isaa).
2. Amantota sobaa (Gnostic” Teachers and their followers)
3. Ergaa ijoo Yohhanis ykn garee Tiyooolojii

Hiiloonumti kanan fakkaatu Ibiroota 6 fi 10 irraas ni jira.

4:4 “Isaan Mootaniitu” Kunis Agarsiistuu si’aayina sirrii (perfect active indicative) dha. Sagale Ajaa’ibsiisifamaa isaanis ta’ee nuufis jajjabina kennudha. Yohaannis Mo’icha/Injifanoo kiristaanotni cubbuu fi seesana irratti qaban irratti hubannoo cimaa qaba.

Innis jecha kana (*nikaō*) 1Yoh. Keessati si’a 6, Mul’ata keessatti si’a 11, wangeela keessatti al tokko itti fayyadameera. (1Yoh. 2:13;14;4:4; 5:4,5,) Yoh. 16:33). Jechi kun “Injifannoo” kan jedhuuf Luqaas keessatti al tokko qofaa fi barreeffamoota Phaawuloos keessatti immoo si’a lama tajaajileera (cf. Luq. 11:22) (Rom. 3:4; 12:21).

☐ **“Inni nu keessa jiru, isa biyya lafaa keessa jiru waan caaluuf”** kunis ol-aantummaa waaqayyoo argisiisa. Kunis Abbaan hundaa ol ta’uu isaa fi nu keessa buufachuusaaf ragaa guddaadha. (cf. Yoh. 14:23, 2Qor. 6:16). Kakuu haaraanis (1) Ilmi jiraataa ta’uusaa, (cf. Mat. 28:20; Qol. 1:7) fi (2) Afuurri qulqulluu nu keessa jiraataa taq’uusaa (cf. Rom. 8:9; 1Yoh. 4:13). Hafurrii fi Ilmi bifa walitti dhiyaatuun kan ibsaman (Rom. 8:9; 2Qor. 3:17; Gal. 4:6; Phil. 1:19, 1Phex. 1:11) (Mata Duree Addaa Yohaannis 14:15 irraa ilaali).

Gaalen, “Inni biyya lafaa keessa” jedhu kan inni ibsu seexana (cf. Yoh. 12:31; 14:30; 16:11; 2Qor. 4:4; Efe. 2:2; 1Yoh. 5:19) fi duuka buutota isaati. Jechi “Biyya lafaa” jedhu hiika nagaatiivii kan qabu, (i. e. Namoota fedha waaqayyoon ala jiraatanidha). Mata duree addaa “Kosmos” jedhu 14:17 irraa ilaali.

4:5 “Isaan kan biyya lafaati” Kunis Madda/Ragaaa Qulqullaa’u (Ablative) ibsa. Jechi “Biyya lafaa” dhala namaa cubbuun kufe ibsa (2:15-17). Kan inni agarsiisu, naummaan namaa isa akka waliigalaatti kufeedha. Hafuura isaa! Fakkeenyi kanaa Qaayeenii (3:12) fakkeenyii biroon (1) Eliyaasiif raajota Ba’aaliindha (1Mot. 18) fi (2) Ermiyaas fi haanaaniyaadha (Ermiyaas 28).

☐ **“Biyyi lafaa isaan ni dhaga’a”** Kiristaanotni barsiisota sobaa irraa kan ittiin adda ba’an keessaa ragaa inni tokko warra isaan dhageeffachuu danda’aniini (cf. Yoh. 15:19; 1Xim. 4:1).

4:6 “Warri waaqayyoon beekan nudhaga’u” Gocha si’aayina Ammee (PRESENT ACTGIVE PARTICIPLE)dha. Amantootni dhugaan warra dhugaa ragoosaa fi ergamootaa dhaga’anii deebii kennan.

☐ **“Kananis Afuura dhugaa, Afuura sobaarraa adda baafne in hubanna”** Kunis, Tarii Afura qulqulluu ibsuuf. (cf. Yoh. 14:17; 15:26:16:13; 1Yoh. 4:6, 5:7) fi Afuura hamaa, seexana, ibsuuf ta’a. amantootni ergaan sun eessaa akka dhufe beeku qabu. Lachan isaaniituu Maqaa Waaqayyoon dubbatu. Tokkoo Yesuus ol ol qabuun Kiristoos fakkaatee bakkas kennaaf, Tokko immoo yaada namaa ol kaasuun namaaf bilisummaa kenna.

Robert Girdlestone, *synonyms of the old Testament*, Kakuu Haaraa keessatti “Afuuraaf” Ibsa hedduu qaba.

1. Afura badaa/Lamaa
2. Afuura namaa
3. Afuura qulqulluu
4. Waantota Afuurri qulqulluun Afuura namaa keessatti uumu.
 - a. Afuura bilisummaa fi kan nama kessatti madaqe. Rom 8:15
 - b. Afuura hubannaa (esentleness)- 1Qor. 4:21
 - c. Afuura amantii 2Qor. 4:13
 - d. Afuura ogummaa fi mul’ata beekumsa isa keessaa Efe. 1:17
 - e. Afuura Alsodaa (tilmidity), Afuura Aboo, Jaalala, hordoffii 2Xim. 1:17
 - f. Afuura dogoggoraa fi Afuura dhugaa 1Yoh. 1:6 (pp. 61-63)

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 4:7-14

⁷Michootako! Jaalalli kan Waaqayyoo waan ta’eef, Koottaa waliin jaalannaa! Namni jaalatu hundinuu mucaa Waaqayyooti. Waaqayyoonis in beeka. ⁸waaqayyo jaalala wan ta’eef, namni hin jaalanne, waaqayyoon hin beekne. ⁹Waaqayyoo akka nuyi isaan jireenya arganu tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge. Kanan jaalalli waaqayyoo nu gidduutti in mul’ata. ¹⁰Nuyi waaqayyoon hin jaalanne, inni garuu nu jaallate. Ilma isaas cubbuu keenyaaf furtee haa ta’uuf nuuf erge. Jaalala jechuun isakana. ¹¹Michootakoo! Waaqayyo akkana erga nu jaallatee nuufis immoo wal jaalachuun in ta’a. ¹²Namni tokko illee waaqayyoon takkaa hin argine; yoo wal jaalanne waaqayyo nu keessa in jiraata jaalalli inni ittiin nu jaallatus nu kessatti fiixaan ba’uu isaati. ¹³Inni Afuura ofii isaatii irraa waan nuuf kenneef, nuyi isa keessa, Innis nu keessa akka jiraatu in hubanna. ¹⁴Abbaan ilma isaa fayyisaa biyya lafaa godhe akka erge, nuyi argineerra, dhugaas in baana.

4:7 “Kottaa wal in jaalannaa” Kunis Beekloo si’aayina Ammee (PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE)dha. Haala jireenyaa, Jaalalli guyyaa guyyaa Amala waligalaan amantoota hundaaf barbaachisudha. (cf. 1Qor. 13; Gal. 5:22). Barreeffama Yohaannis keessattis kun Ergaa cimaa ta’ee kana mala gaarii mirkaneessudha. (cf. Yoh. 13:34; 15:21; 1Yoh. 2:7-11; 3:11, 13; 1Yoh. 5, “Hubannoo waliigalaa”, C ilaali).

▣ **“jaalalli Waaqayyoon biraa waanta ta'eef”** Waaqayyoodha, eenyummaa namaa miti, miira ykn fedha kan burqaa jaalalaa ta'uu danda'u. (Lakk. 16). Wanti dursuu qabu murtii kaayyoodhaanii fi malee miiraan ofamuu ta'u hin qabu (Abbaan bakka keenya akka du'uuf ilmasaa eerguu isaa qalbeeffadhu. Lakk. 10; Yoh. 3:1-6).

▣ **“Namni jaalatu hundinuu mucaa waaqayyooti, waaqayyoonis in beeka”** Gochimni isaa Agarsiisa Alsiaayina sirrii fi Agarsiisa si'aayina Ammeeti. (perfect passive and present Active Indicatives). Yohaannisiif Amantoota ta'uuf jechi filataman “Qaamaan dhalachuu” kan jedhuun wal qabata. (cf. 2:29; 3:9; 5:1; 4:18 Yoh. 3:3,7,31; 19:11).

Jechi “beekuu” (know) jedhu miira Ibirootaatiin, “Duuka bu'ummaa cimaa” calaqqisiisa. (cf. Um. 4:1; Erm. 1:5). Innis ergaa Yohaannis ta'ee kan yeroo “77” tajaajiledha. Mata duree addaa 1:10 irraa ilaali.

4:8 “Waaqayyo jaalala waan ta'eef, Namni hin jaallanne, waaqayyo hin beeku” Jaalalli jiruuf jireenya keessati waaqayyo beekuu kan mul'isudha.

Hima salphaa Yohaannis “waaqayyo jaalala” jedhe kan “waaqayyo ifa” jedhuun kan wal qabatu. (cf. 1:5) fi “waaqayyo Afuura” (cf. Yoh. 4:24) kan jedhuun wal qabata. Karaan ittiin jaalala Waaqayyoo fi dheekkamsa Waaqayyoo ittiin wal bira qabamee madaalamuu danda'u Seera keessa Deebii 5:9 fi 5:10 akkasumas 7:9 irratti ni argama.

4:9 “Kanaan jaalalli waaqayyoo nu gidduutti in mul'ata” Agarsiisa miirsoo Alsiaayinaati. (cf. Yoh. 3:16; 2Qor. 9:15; Rom. 8:32). Waaqayyo ilma isaa tokkicha erguun qooda keenya akka du'u godhee jaalala nuuf qabu ifan ifatti nuuf ibseera. Jaalalli wanta hojiitti geeddaramuudha, waanta miira keenyaatti dhaga'amu qofaa miti. Amantoonni jireenya jaraa guyyaa guyyaatti shaakaluu qabu (1Yoh. 3:16 ilaali). Waaqayyoon beekuun akka inni jaallateetti jaallachuudha.

▣ **“Waaqayyo tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge”** Kun wanta yeroo ammaa agarsiisudha. Nama ta'uun isaafii bu'aan isaa akkuma jiruutti! Bu'aan Waaqayyoo hundumti isaa karaa Kiristoosiin dhufe. Jechii “tokkicha ilmasaa jedhu” “*monogenēs*” kan jedhuudha, innis “adda kan ta'e” gosa isaatiin isa tokkicha kanjedhu agarsiisa malee karaa saalqunnamtiitiin kan argame miti. Durbummaan da'uun shaakala saalqunnamtii kan argame miti. Durbummaan da'uun shaakala saalqunnamtii Waaqayyoo ykn Maariyaamii hin turre. Yohaannis jecha kanatti si'a hedduu fayyadameera (Yoh. 1:14, 18; 3:16, 18, 1Yoh. 4:9). Dubbisa dabalataatiif yaadannoo Yohaannis 3:16 irra jiru ilaali. Yesuus karaa adda ta'een ilma Waaqayyooti. Amantoonni ijoollee Waaqayyooti karaa ofitti harkiisuu qofaan.

▣ **“karaa isaatiin akka jireenya qabaannuuf”** Inni kun haala dureeyyii kan agarsiisuudha, deebiin amantaa hedduu barbaachiisaadha. Kaayyoon nama ta'uu isaatii jireenya bara baraa fi jireenya irraa haafaa nuuf laachuudha, (Yoh. 10:10).

4:10 “Jaalala jechuun kana” Jaalalli waaqayyoo ifumaan isatti jireenyaa fi du'a yesuusiin ibsameera. (cf. Rom 5:6,8). Yesuusiin beekuun, waaqayyoonis beekuudha. Waaqayyoon beekuun immoo jaalachuudha!

▣ **“Nuui waaqayyoon hin jaallanne”** Amantiiwwan Biyya lafaa kana keessaa kakuun haaraan addadha. Gosti biroon (Amantiin biro) Dhalli namaa waaqayyo waan barbaaddeef, garuu kiristaanummaan waan waaqayyo ofuma isaatiif Dhala namaa cubbuun babbada kana barbaadee jaallateefidha. Dhugaan jius, jaalala waaqayyoof qabnu miti, Jaalala inni nuuf qabudha malee! Inni cubbuu keenya keesaa, fofittummaa, mormii fi oftuummaa keenya keessaa barbaadee nu baase Gaarummaan dhugaa kiristaanummaas waaqayyo dhala namaa kufe jaalachuu fi Dammaqina kenneefii jireenya isaa jijjiiruudha.

‘GOCHMA’ kanaan kan wal qabatan unkawwan hudduutu jiru.

1. Qabaachuu fi itti fufanii jaalachuu (sirrii/perfect) – M5B

2. Jaalatamuu, AORIST- MSx

‘USB⁴. HENNAA SIRRI (PERFECT TENSE) raati. “B” kennaaf.

▣ **“Cubbuu keenyaaf furee haa ta'uuf nuuf erge”** Yaadannoo 2:2 irra jiru ilaali.

4:11 “Utuu/erga” Kunis hima Otolaa sadarkaa tokkoffaa kan kaayyoo barreessichaaf dhugaa ta’edha. Waaqayyo nu jaalata! (cf. Rom. 8:31).

▣ **“Kanaaf Waaqayyoon nu jaalata”** “Kanaaf” kan jedhu “Haala akkasii” kan jedhuun hubatama, akka Yon. 3:16 irratti jechuudha.

▣ **“Nutis wal jaalachuu qabna”** Sababii inni nu jaalatuuf nutis wal jaalachuu qabna. (cf. 2:6; 3:16; 4:1) Addeessi (Himni) kun barbaachisummaan kan Fincilaa fi Ilaalcha barsiisota sobduu calaqqisiisuu ykn eeruuf gale.

4:12 “Namni waaqayyoon arge hin jiru” Kun Agarsiisa giddu gala sirrii (PERFECT MIDDLE INDICATIVE)dha Jechii kun kan inni agarsiisuu akka waan tokko ykn nama ta'e tokko arguun nama rakkisu agarsiisa. (Seera Ba'uu 33:20-23, Yohaannis 1:18; 5:37 6;46; 1Xim. 6:16). Warreen duuka buutoota ginoostiksii amantaa warra bahaatii akka liqimfaman ni beekama, innis akka mul'ata wayii Waaqayyoon irraa ykn Waaqayyoon biraa akka arganitti yaadu. Yesuus kan inni dhufe guufamnaa guututti abbaa agarsiisuudhaaf. Isatti dhiyaachuudhaan waaqayyoon barra!

▣ **“Erga/utuu/if”** Hima otola sadarkaa sadaffaa kan dandeettii gochaa ibsudha.

▣ **“Waaqayyo nu keessa jiraata”** Mata duree addaa “Itti jirachuu”jedhu 2:10 irraa ilaali.

▣ **“Jaalalli isaa nu keessatti fiixaan in ba’a”** Kunis jalbisoo (PERIPHRASTIC). Gocha Al si'aayina sirriiti (PERFECT PASSIVE PARTICIPLE). Jaalalli kiristaanotaa isa waliin jiraachuuf ragaadha. Jaalala waaqayyoo isa sirrii sana (cf. 2:5; 4:17)

4:13 “Inni Afuura ofii isaa irraa nuuf kenne” Kunis Agarsiisa si'aayina sirrii (PERFECT ACTIVE INDICATIVE) dha. Afuura qulqullun jiraachuu (cf. 3:24; Rom 8:9) fi jijjiiramni inni nama keessatti fidu ragaa fayyinaati. (cf. Rom 8:16). Namummaan sadan tokkummaa. Lak. 13-14 tti ifatti ba'ee kaa'ameera. Mata duree addaa “Sadan tokkummaa” jedhu ilaali (14:26 irraa)

14:14 “Nutii Arginee dhugaas in baana” Gochimni kun Agarsiisa gudy gaka sirrii kan agarsiisa si'aayina Ammeen (present Active Indicative) wal qabatu. Innis Dhuga ba'ummaa lallaba Yohaannis kan “Kiristoosiin” wal qabatu, akkuma 1:1-3, dubbata.

Jechi “Arginee”/seen) jedhu jecha Giriik Lak. 12 irraa “to gaze intently at” jedhuun tokkodha. Mata duree “Dhuga baatota Kiristoos” jedhu Yoh. 1:8 irraa ilali.

▣ **“Abbaan ilam isaa erge”** Kunis Agarsiisa Si'aayinaa Sirriiti. Dhugaan isaas waaqayyo Abbaa, Waaqayyo Ilmaa biya lafaatti erguun (cf. Yoh. 3:16) isaa barsiisota sobduu warra “Gnostics” lamummaa (dualism) Gaarii fi Gadhee gidduu jiru ibsuun morma. Yesuus dhugumana Waaqa ture inni dabalataaniis gara addunyaa hammeenyaan guutamte kanatti dhufee cubbuu irra anu fayyisa. (Rom. 8:18-25) abaarsa Seera Uma. 3 irratti ibsame irraa nu baraaruu dhufe (Gal. 3:13).

▣ **“Fayyisaa biyya lafaa akka ta'uuf”** Abbaan Yesuus fayyisaa akka ta'uuf karaa isaa filatee hojjechuun Barsiisota sobduuf salphina ta'uun barsiisa isaanii fayyinni, karaa addaa, bekumsa hicciiiti gulantaa ergamummaan wal qabate” keessaa argama jedhan ni diige. Egamoota kana “eons” jedhanii waamu ykn mootummaa ergamootaa jedhanii waamuu garaagarummaa Waaqayyoo isa guddaa fi Waaqota nam-tochee gidduu jiru.

Himni “fayyisaa addunyaa” kan inni ture (1) mata duree Waaqolii tolfamaa (Zeus kan jedhu ilaali) akkasumas (2) mata duree mootoota Roomaa agarsiisa, kiristaanootaaf Kiristoos qofaatu mata duree kana qabata. (Yoh. 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10). Dhimma kana ture biyya Asiyaa keessatti sababni aryatama isa guddaa kan ture.

Hubadhu, Innis hundumaa ilaallata. Inni fayyisaa hundaati (cf. Yoh. 1:12; 3:16; Rom 5:18; 10:9-13).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 4:15-21

¹⁵Namni Yesuus ilma waaqayyoo ta'uu isaa amanee yoo beeksise, waaqayyo isa keessa. Innis Waaqayyo keessa in jiraata. ¹⁶Nuyis jaalala waaqayyo nuuf qabu hubanneerra, amanneerras; Waaqayyo jaalala. Namni jaalalatti qabamee jiraatus waaqayyo keessa in jiraata. Waaqayyo isa keessa in jiraata. ¹⁷Biyya lafaa kana keessatti akkuma kiristoos jiraatetti jiraachuu keenyaan guyyaa firdiif ija jabina qabna. Kanaan jaalalli waaqayyoo nu biratti fiixaan ba'uu isaati. ¹⁸ Jaalala keessa sodaan hin jiru. Jaalalli inni iddoo ga'e soda gadi baase in gata. Sodaan adabatti hidhamee waan jiruuf namni sodaatu jaalalli isaa iddoo hin geenye. ¹⁹Inni duraan dursee waan nu jaallateef, Nuyis koottaa in jaalannaa! ²⁰Namni waaqayyon nan jaaladha jedhee obboleessa isaa immoo yoo jibbe inni sobduudha. Obboleessa isaa isa arge kan hin jaalanne waaqayyo isa hin argiin jaalachuu hin danda'u. ²¹Egaa namni waaqayyoon jaallatu oboleessa isaa immoo akka jaalatuuf abboomii kana isa biraa arganne.

4:15 “Namni yesuus ilma waaqayyoo ta'uu isaa beekesise” Kunis miiroo is'aayina laalisoo (AORIST ACTIVE SUB JUNCTIVE). “Beeksisuu” kan jedhuuf yaadannoo lak. 2 irraa dubbisi. Qabxii sadan Yohaannis amantaa dhugaa adda itti baasuu waa'ee eenyummaa fi hojii Kiristoosiitiindha (2:22-23; 4:1-6; 5:1, 5). Kun ergaa Yohaannis isa duraa irraa fi Yaaqoob irratti jaalalaa fi abboomamuu ilaalchisee barreeffame waliin kan adeemuudha. Kiristaanummaan Namummaa Qaama dhugaa fi hala jireenyaati. Hubannoo waliigalaa “C” ilaali.

“Waaqayyo isa keessa in jiraata, Innis Waaqayyo keessa in jiraata” Kunis caaseffama ykn Hariiroo kakuu waaqayyoo dhala namaa waliin qabu calaqqisiisa. Waaqayyo yeroo hundumaa kaka'umsi kan isaati, isatu ajandaa isaa murteessa dabalataaniis Kakuu sanaaf kan barbaachiisu hundaa isatu raawwata, garuu, ilmaan namootaa itti gaafatamummaa deebii laachuu fi deebii sana itti fuufuu qabu.

Waliin jiraachuu (Abiding)'n barbaachisa kakuuti, Akkasumas waadaa dinqisiifamudha. (cf. Yon. 14:23). Mee yaadi uummaan wayyaba kanaa, qulqulluun Isiraa'eel kan keessa bule nama dadhaboo keessattidha (Yoh. 14:23)! Mata duree addaa itti jiraachuu 2:10 irraa ilaali.

4:16 “Nuyi hubanneerra Amanneerras” Gochimni kun Agarsiisa si'aayina sirriiti. Ofitti amanamummaan amantootaa jaalala waaqayyo Kiristoos keessaan isiniif qabu kan mirkaneessu bu'ura walitti dhiyeenyaani. Mata dure addaa “Mirkaneessa” jedhu 5:13 irraa ilaali.

▣ **“Kan waaqa nuuf qabu”** Kunis Agarsiisa si'aayina ammee kan jaalala waaqayyoo isa wal irraa hin cinne ibsudha.

▣ **“Waaqayyo Jaalala”** Dhugaa barbaachisaan kun irra deebiin argama. (cf. Lak. 8)

MATA DUREE ADDAA: SOCHII LOOTII LALABAA (BOB'S EVANGELICAL BAISES)

Malli Tiyoooloojii kootii kalvinizimii (Calvinism) ykn “Dispensational cal” miti, garuu komishinii guddaa lallaba wangeelaati. (cf. Mat. 28:18-20; Luq. 24:46-47; Hoer. 1:8). Dhala namaa cubbuuraa qulqullaa'e (dhiifama cubbuu argateef) waaqayyo kaayyoo baraa qabaaf jedheen amana. (Fakn. Uma. 3:15 12:3; Ba'u 19:5-6; Erm 31:31-34; His 18:36:22-39; Hoer. 2:23; 3:18; 4:28; 13:29; Rom. 3:9-18; 19-31). Isaanis warra Bifa isaa fi fakkeenya isaan uumamanidha. (cf. Uma. 1:26-27). Kakuun isaas kiristoos keessattis ni tokkummaa'e (cf. Gal. 3:28-29; Qol. 3:11). Yesuus hojjetaa waaqayyooti dhoksan kan ture amma ifa ba'a. (cf. Efe. 2:11-3:31). Wangeelota 'KH' tu furtuu caaffata qulqullaa'ooti malee Israalelota miti.

Hubannoon duraan nuti qabnu hiika keenya ni murteessa. Hundumaa karaa sanaan dubbifna. Kun immoo yaada olii gad dha'ameedha, garuu kan ta'uu qabu karaa barreeffama qulqulluu qofadha.

4:17 “Kaanis Jaalali isaa ni raawwata” Kunis jecha Giriik “telos” (cf. lak. 12) irraa kan dhufedha. Kan inni ibsus, guutummaa fullness), bilchina, fi raawwachuudha, garuu cubbuun ala ta'ee miti.

▣ **“Nu waliin”** Walqbsiistuun kun (nu keessa/inus) kan jedhuun hubatama. (TEV, NJB”, nugidduu (NKJV,NRSV, NIV, REB). ykn nu waliin (NASB)

▣ **“Kanaan ija jabina ni qabna”** kaaten hima kanaa Bilisummaa (mirga) dubbiiti. Waaayyo isa qulqullutti dhiyaachuu keenyaaf qulqullummaa keenya dubbata. (cf. Ibr. 3:6; 10:35) Mata duree addaa 2:28 irraa ilaali.

▣ **“guyyaa firdiitti, sababni akkuma inni jiru, nutis addunyaa kana keessa jirru”** kiristaanonni akkuma Yesuus jaalachuu qabu (3:16 4:11). Akkuma inni aryatamaa ture aryatamuu ni danda’u, garuu dabalataan jarrii ni jaal’atamu akkasumas abbaa biratti ni beekamu, dabaaltaaniis Hafuurri akkasuma isaan ni simata. Guyyaa tokko namoonni hundinuu jireenya jaraaf Waaqayyoon kennameef deebii ni laatu (Mat. 25:31- 46, 2Qor. 5:10; Mul. 20:11-15, guyyaan firdii warreen Kiristoosiin ta’aniif homaa sodaa hin qabu.

4:18 “Jaalala keessa sodaan hin jiru” Yeroo waaqayyo abbaatti dhiyaannu firdiif hin sodannu. Yoo isarraa fagaatan kiristaanotii soda keesa galu; soda firdii, soda du’a barabaraa; soda sii’ol. Waanti sodaan eegalu, raawwatamuu sodaan hafa!

▣ **“Sodaan firdii of keessaa qaba”** Jechi kun as qofatti tajaajile. Mat25:46; Dhalli namaa seera waaqayyoo hin cabsine, garuu seera waaqayyoo irrati ofiisaaf of cabse!

4:19 “Haa jaalannu” kunis Agarsiistuu si’aayina Ammeeti. “Haa jaalannu kan jedhu booda “NKJV” Antima /irraawwatama sirrii itti dabala.

Irrawwatama kanaafis filannoo kan ta’an.

1. Barreeffamoota Giriik durii keessaa (N) “Waaqayyo” (tontheon) ni dhiyaata.
2. Ψ keessaa “Inni/Him” (*auton*) kan jedhu ni dhiyaata (KJV)
3. Vulgate keessatti “walii keenya /one another/ kan jedhu ni dhiyaata.

Irraawwatamootni sirriin kunneen tarii yeroon booda kan itti dabalaman ta’uu danda’u. UBS⁴ gochima kanaaf reeti “A” qofa kennaaf.

▣ **“sababa inni dursee nu jaalateera”** Kun ergaa dabalataan Lakk. 10 irratti ibsameedha. Waaqayyo yeroo hunda galata fudhachuu qaba (Yoh. 6:44, 65), garuu namni inni kufee kun deebii laachuu qaba (Yoh. 1:12; 3:16). Amantoonni amanamummaa fi amanamummaa guutummaa isaatti abdachuuf hirkachuu qabu. Jaalalli isaa, amallii amanamummaa Waaqayyoo sadanii abdiif fi wabiidha warreen amananiif.

4:20 “Namni tokko yoo jedhe” Kunis Hima Otola sadarkaa sadaffaa kan gocha human qabeessa ibsudha. Kunis gama Teekinika Og-barruun “diatribe” (cf. Milkiyaas, Roomaa, fi Yaaqoob) kan jedhu ta’a.

▣ **“Waaqayyoon nan jaallatu akkasumas obbolaa isaa kan jibbu”** Adeemsii jaalalaa nuti qabnu sirriitti kiristaanoota ta’uuf dhiisuu keenya kan agarsiisudha (Maar. 12:28-34). Waldhibdeen sirruma, garuu jibbiinsii jiraachuu hin qabu (Mata Duree Addaa Qoosummaa jedhu dubbisii kan Yoh. 4:4 irraa)

▣ **“Inni sobduudha”** Yohaannis “Amantii” Amantootaa muraasa “soba” jedhee dubbata (cf. 2:4:22; 4:20) warra soba lallabani waaqayyo isa dhugaa “sobduu” taasisaniinis jedheetu waama. (cf. 1:6, 10; 5:10). Isaan dhugaadhumaan Amantoota of gowwomsanidha!

4:21 Luqqisiin kun boqonnaa kanaaf yaada cuunfaa ta’a. jaalalli ragaa isa hin mul’anne ibsuuf (non-counterfietable) Amantoota dhugaaf gargaara. Jibbi ragaa ilma Afuuricha hamaa ta’udha. Barsiisota sobduun gurmoo namootaa adda adda qoodanii jeequmsa kaasu.

▣ **“Obboleessa”** Jechi kun hiika adda addaa (Ifa kan hin taane) qaba. Obboleessa kan jedhu kun, Tokkummaa kiristaanaa keessa warra jiran (fellow Christian) jechuun ni ta’a, ykn Namoota waliin ta’an (fellow human) ta’uus ni danda’a. As keessatti garuu Yohaannis hiika jalqabaaf itti gargaarama (cf. 1Xim. 4:10).

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Waantota uumama kiristaanumma qoran sadan tarreessi.
2. Namni tokko akkamitti nama dhugaan waaqayyoof dubbatu beekaa?
3. Maddoota dhugaa lamaan tarreessi (subjective, fi objective).
4. Barbaachisummaan Aankii "Fayyisaa Biyya lafaa" jedhuu maali?
5. Gochoota sobdoota ibsan tarreessi (Barsiisota sobduu jechuudha).

I YOHAANNIS 5

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Amantiin biyya lafaa mo'uudha.	Amantiin Abboomamuu	Amantii mi'ichaa	Mo'icha biyya lafaarratti qabnu	
	4:20-5:5			Madda Amantii
5:1-5		5:1-5	5:1-5	5:5-13
Ilmaan wal qabatee ragaa jiru.	Dhuga ba'ummaa seerummaa Waaqayyoo		Dhuga ba'umsa waa'ee kiristoos	
5:6-12	5:6-13	5:6-12	5:6-12	
Hubannoo Jireenya baraa		Xumura	Jireenya bara baraa	
5:13-15	Kadhata keessatti ija jabina fi jaalala	5:13	5:13-15	Kadhata cubbamootaaf ta'u.
	5:14-17	5:14-17		5:14-17
5:16-17	Dhugaa beekuu, soba mormuu		5:16-17	Cuunfaa xalayichaati.
5:18-21	5:18-21	5:18-20	5:18	5:18-21
		2:21	5:19	
			5:20	
			5:21	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa) SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 5:1-4

¹Yesuus kun masihicha ta'uu isaa namni jaalatu, isa abbichatti dhalates immoo in jaalata. ²Waaqayyoon yommuu jaalannu, Abboommii isaas yemmu goonu, Ijoollee Waaqayyoo jaalachuu keenya in hubanna. ³Waaqayyoon jaalachuu jechuunis Abboommota isa eeguudha. Abboommotni isaa immoo ba'aa ulfaatoo miti. ⁴Sababii namni mucaa waaqayyoo ta'e hundinuu biyya lafaa mo'uuf ba'aa ulfaatoo itti hin ta'an. Humni ittiin biyyi lafaa mo'amu, kunis amantii keenya. ⁵Eenyuutu biyya lafaa mo'uu danda'aa? Yesuus ilma waaqayyoo ta'uu isaa nama amane duwwaatu biyya lafaa mo'uu danda'a.

5:1 “Hundinuu” (yeroo lama):- Jechi ‘pas’ jedhu 1Yoh. Keessatti irra deddeebiin tajaajila (cf. 1Yoh. 2:29 3:3,4, 6, (allama) 9, 10; 4:7;5:1). Namni kamiyyuu yaada Yohaannis kanaan ala miti. Kunis Afeerraa Waliigalaa waqayyoo akka Yesuus kiristoos fudhataniif godhedha. (cf. Yoh. 1:12; 3:16; 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9) kunis Afeerraa guddaa Phaawuloos Room. 10:9-13 iratti godheen tokkodha.

▣ **“Amanee”** (PRESENT ACTIVE PARTICIPLE). Kunis jecha Giriik maqaaf “Pistis” fi Gochimaaf Pisteuo jedhu kan yoo jijjiiram. Mata duree addaa Yoh. 2:23 ilaali.

▣ **“Yesuus masihicha”** Kaayyoon barsiisota sobduu kan inni bu'uureffatu namummaa kiristoosii fi dalagaa isaa dogoggorsuf isa waaqa guutuu ta'e mormuufidha. Yesuus Namni Naazireet Masihicha isa abdachiifamedha! Kunis Gaalee kakuu kan bakka cuuphaatti Gaalee “Ilma Waaqayyoo” jedhu dabalatee ibsamudha. (cf. 4:15; 5:5). Dhugaan isaa. Ibsi/ mirkaneessi kun **duubee** namoota kakuu moofaa. Masihummaan yesuus dubbatameefiin walqabata (Yihuudoota, Raajotaa, fi warra waaqayyoon sodaataniif).

▣ **“Mucaa Waaqayyoo”** (PERFECT PASSIVE INDICATIVE) kan gocha dhalootaa irratti xiyyeeffatudha (cf Lak. 4,18,2; 29).

▣

NASB	“Jaalatu Mucaa Waaqayyooti”
NKJV	“kan isa jaalatu kan inni dhalche”
MRSV	“ kan maatii jaalatu mucaas ni jaalata”
TEV	“kan abbaa Jaalatu mucaas ni jaalata”
NJB	“Abbaas Jaalatee ilmas Jaalata”

5:2 Luqqisiin kun, luqqisii sarara 3 waliin ergaa Ijoo 1yoh irra deebi'a Jaalaala, Jaalalli waaqayyoo Jaalala itti fufaa fi Abboomamuun ibsama (cf. 2;7-11; 4; 7-21) fi (cf 2; 3-6)

Amantoota dhugaaf akka ragaaatti kan hubatamu:

1. Jaalala Waaqayyoo
2. Jaalala mucaa waaqayyoo (Lak. 1)
3. Jaalala Ijoollee waqayyoo (Lak. 2)
4. Abboommii (Lak 2,3)
5. Mo'icha (Lak. 4,5)

5:3 “Abboommiin isaas ba'aa ulfaatoo miti” kakuu haaraan itti gaafatamummaa qaba (cf. Mat. 11:29-30, bakkaa yesuus jecha “waanjoo” /Yoke/ jedhutti faayyadame, Dureen amantii yihuudotaa (Rabbis) seera musef kan itti tajaajilaman (Mat. 23:4). Qajeelfamni yesuus,kan barsiisota sobduu irraa baay'ee addadha. Mata duree addaa “Abboommii” Yoh. 12:50 ilaali.

5:4

NASB, NKJV

NRSV

“Mucaa waaqayyoo hundaaf”

TEV, NJB.

“Mucaa waaqayyoo kan ta’e hunda”

Jecha Giriik “Hundaa” (all) jedhuuf barreeffamni Giriik jalqaba irratti ‘xiyeeffannoof’ kaa’a, akka lak. 1 Baaqeen isaa **himbaabsawaa** (neutral) ta’e immoo yeroo jijjiiramu “kamillee” (whatever) kan jedhu ta’a. Ta’uyyuu Haala kana keessatti “Hiika dhuunfaaf” adda ta’e tajaajile. Sabani isaas ‘Gochala Alsi’aayina sirrii (perfect passive participle)’n waan wal qabatuuf (dhalche kan jedhuun jechuudha). Innis Nama yesuusitti amanee, waaqayyo irra lammata dhalachuu biyya lafaa immoo mo’ate agarsiisa. (cf. 4:2:13, 14).

▣ **“Biyya lafaa Mo’uu”** “Mo’uun” Agarsiistuu si’aayina ammee “nikao” (cf. 2:13,14: 4:4; 5:45) bakka bu’udha. Hundeen isaas lak. 4 irratti si’a lama tajaajileera.

1. Maqaa “Injifannoo (victory)” ‘nike’ jedhu

2. Miirsoo (AORIST) mo’uu, nikao, (Active participle).

Yesuus durumaan dursee biyya lafaa seerratee/weerare/ra (cf. Yoh. 16:33) waan amantootnis tokkummaan isa wajjin jiraataniif, isaanis Aboo biyya lafaa mo’uu qaba. (cf. 2:13-14; 4:4)

Jechi “Biyya lafaa” jedhu maqaa Gochima Gurmuu namootaa fi hojii isaan fedha waaqayyoon ala hojjetan, waaqayyo irraas adda ba’anii jiraatan. (cf. Uma. 3) Mata duree addaa Yoh. 14: 17 irraa ilaali.

▣ **“Injifannoo”** kunis unka maqaa (nikos) kan Gochima “mo’achuu” jedhutti xumura lak. 4 irrattis Miirsoon gochi si’aayinaa (AORIST ACTIVE PARTICIPLE). Kana fakkaatu tajaajileera. Lakkoofsa 5 irrattis deebi’ee gochimalli kun ‘nikos’ tajaajileera. Amantootni karaa kiristoosiin mo’anii, itti fufinsaanis biyya lafaa mo’anii jiraachuu qabu. Jechi “nike” jedhu danoomina kan agarsiisu jecha Giriik “goddess of victory” jedhuuf ta’udha.

▣ **“Amantii keenya”** Barreeffamoota Yohaannis hunda keessattuu jechi kun unka Maqaa qofaan “faith” (*pistis*) tajaajile! Akka carraa Yohaannis waa’ee “sirraa’ummaa tiyoolojii” irratti wanta xiyyeeffate fakkaata wayit afakkeettummaa Kiristoosii dubbatu. Jechi (*pisteuō*) yeroo hedduu Yohaannisiin itti dhimma bahameera. Amantiin keenya mo’icha nuuf kenna. Sababni isaas:

1. Mo’icha Yesuusiin waan wal qabatuuf

2. Walitti dhufeenya Haaraa waaqayyo wajjin qabnuun waan wal qabatuuf.

3. Humna Afuura qulqulluu nu keessa jiraatuun waan wal qabatuuf.

Mata duree addaa Yoh. 1:7; 2:22 fi 1 Yoh. 2:10 irraa ilaali.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 5:5-12.

⁵Eenyuutu biyya lafaa mo’uu danda’a? yesuus ilma waaqayyoo ta’uu isaa nama amanu duwwaatu biyya lafaa mo’uu danda’a. ⁶Inni bishaaniin cuuphamee dhiiga isaa dhangalaasuuf dhufe isa kana: Innis yesuus kiristoos. Inni bishaan duwwaadhaan miti. Bishaanii fi dhiigaan dhufe malee, Afuurri qulqulluu kana dhugaa in ba’a, Afuurichi dhugaadha. ⁷Dhuga-baatuu sadiitu jira². ⁸Isaan kunis Hafuuricha, Bishaanicha, dhiigicha sadanuu sagalee tokkon dhugaa ba’u. ⁹Isa namootni Dhugaa ba’an kan fudhannu erga taanee. Inni waaqayyo dhugaa ba’u immoo in caala. Dhugaan waaqayyoos isa inni ilam isaatiif dhugaa ba’edha. ¹⁰Nami ilma waaqayyootti amanu, dhugaa kana of keessaa qaba; namni waaqayyoon hin amanee garuu, Isa waaqayyo ilma isaatif dhugaa bahee waan amanu dhiiseef waaqayyoon sobduu gochu isaati. ¹¹Waaqayyo jira bara baraa nuuf kennee egaa dhugaan isaas isa kana! Jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. ¹²Namni ilma waaqayyoo qabaatu jiraachuu qaba. Namni ilam waaqayyoo hin qabne jiraachuu hin qabu.

5:5 **“Yesuus Ilma Waaqayyoo”** sararri kun qabiyyee amantii keenyaa kan lak. 4 irratti ergameef hiikaa ifaan ta’eefidha. Mo’ichi keenya bakka hojii/profession//ogummaa/Yesuusiin qabnu kan nama guutuu fi waaqa guutuu ta’e sanaanidha. (cf. 4:1-6) Amantiinis Yesuus 1)Masihicha (Lak. 1) 2) Ilma Waaqayyoo (Lak. 5)10) 3) Mucaa waaqayyoo (Lak. 1) fi 4) Jireenya (cf. 1:2, 5:20). Mata duree addaa 2:23 kan “Believe” Gaalee “hoti” waliin kan walqabatuudha.

▣ **“Ilma Waaqayyoo”** Mata duree addaa 3:8 irraa ilaali.

5:6 “Inni dhufe isa kana” Kunis Miirsoo si’aayinaa (AORIST ACTIVE PARTICIPLE) kan yeroo Yesuus biyya lafaa irra deddeebi’aa ture/jiraatee fi har’as du’a isaa “kan barsiisotin sobduun ganan irratti xiyyeffatu dha.

▣ **“Bishaanii fi dhiigaan”** ‘Bishaan’ kan inni ibsu yesuus qaama foonin dhalachuusaa (cf. Yoh 3;1-9) fi “Dhiigni” immoo qaama fooniin du’uu isaa kan ibsu ta’a. Dogoggorrii barsiisotni sobaa warra “Gnostics” garuu “Bishaan” Cuuphaa yesuus ibsa. Akka barsiisoota sobduu giinoostiiksiitit jarrii nammeenyummaa Yesuusiin kan ganaiidha. Shaakaloonni lammeen kun nameenyummaa isaa kan goolabaniidha.

Bakka cuupha kanattis afuurrii “Kiristoos” nama yesuus jedhu irra qubatee, Yeroo inni fannoo irratti du’u immoo kan irraa ka’edha jedhanii ibsu. (Dhiigaaf, “a good summary in NASB study Bible P. 1835 ilaali).

Kan biroo immoo gaaleen kun du’a yesuusiin wal qabatee, kan “Dhiigaaf bishaan” (cf. Yoh. 19:34) dhangala’edha. Diiqqa barsiisoonni sobuu kun du’a Kiristoos is abakka bu’insa keenyaaf ta’e kan hin amanne gantoota.

▣ **“Afuura dhugaa ba’edha”** Kaayyoon Afuura qulquluu dhagaa wangeelaa ibsudha. Innis qaama sadan tokkummaa ta’ee kan cubbuurraa deebisuuf, Gara kiristoositti qajeelchee, kiristoos keessatti cuuphee, Yesuusiin Amantoota keessatti unkeesu (forms) dha. (cf. Yoh. 16:7-15). Afuurichi yeroo maraa dhuga-baatuu kiristoos, malee kan ofiisaa miti (cf. Yoh. 15: 26).

▣ **“Afuurichi Dhugaadha”** (cf. Yoh. 14:17; 15:26:16:13; 1Yoh. 4:6) Mata dureewwan Addaa 6:55 fi 17: 3 irraa ilaali.

5:7 Bakka lak. 6, 7, 8 irraa eegalanii fi xumuraman irratti, Afaan Ingiliizii namaaf kan hin galu. Qaamni lak. 7, ‘KJV’ keessatti kan “in heaven, the father, the word and the Holy Spirit, and these are one” jedhu Barreeffamoonni Giriikootaa kan duraanii sadii keessatti argamu bara Kakuu haaraa. Aleeksaandaaruus (A) Vaatiikaanuus (B) ykn Siyineetikasii (⌘) ykn barreeffamoota warreen maatii Beezaantaayiinoootaa keessatti, innis caaffatoota qulqullaa’oo Afur keessatti qofa argama.

1. MS61, Jaarraa 16^{f1aa} keessa kan bu’urreffame (dated).
2. MS88, Jaarraa 12^{f1aa} bakka ergaan isaa sarsoo (margin) jidduu gale.
3. MS629, kan Jaarraa 14^{f1aa} ykn 15^{f1aa} keessa bu’urreffame (dated).
4. MS635, Jaarraa 11^{f1aa} keessa bu’urreffamee, kan **largaan** isaa sarsoo (margin) gidduu barruu harkaa galedha.

Waraabbiin kun Abbootii waldaa kiristiyaanaa kamiin iyyuu hin fudhatamne, waldhabiinsa waa’ee sadan tokkummaa keessatti illee, (*sixto-Clementine*)tiin alatti isa barreeffama Laatiinii ta’e tokko qofaa malee warreen kaan keessatti hin fudhatamne. Inni iyyuu isa durii waraabbii Laatiinii miti ykn kan Jeeroon hiikees miti. Innis jalqabaaf Barruu “Spanish heretic priscillian (Six to clementina)” keessatti argame. Innis Abbootii laatiinii Afrikaa kaabaatti jaarraa 5^{f1aa} keessa fudhatama argateera. Kun qaama 1 Yohaannisiif bu’uura ta’ee barreeffameera.

See-buloo (doctrine), gama wangeelaa “waaqa tokko” garuu qaama sadii jedhee ibsame (Abbaa, ilma, Afuura qulqulluu), mormii sarara (liqqisii) kanaan kan faalla’u miti. ‘Wangeeli “Sillaasee” kan jedhutti akka hin fayyadamne ifaadha. Barruun macaafa qulqulluu hedduun isaanii namoota sadan (three persons) “Mataa Waaqayyoon” qabatanii hojjetan ni dubbatu.

1. Cuuphaa Yesuus irratti (Mat. 3:16-17)
2. Ergaa (commission) (Mat. 28:19)
3. Afuura qulqulluu Ergame (Yoh. 14: 26)
4. Lallaba Pheenxaqoosxee (shantammaffaa) Pheexiroos (Hoer. 2:33-34)
5. Ibsa Phaawuloos Fooniif Afuura irratti kenne. (Rom. 8:7-10)
6. Ibsa Phaawuloos kennaa Afuuraaf godhe (1Qor. 12: 4-6)
7. Kaayyoo deemsa Phaawuloos (2Qor. 1:21-22)
8. Kadhata Phawuloos (Benediction). (2Qor. 13:14)
9. Yeroo guutuu phaawuloos ibse (Gal. 4:4-6)
10. Kadhata Galataa Phaawuloos waaqayyoof godhe (Efe. 1:3-14)
11. Ibsa Phaawuloos warra hin amanne irratti godhe (Efe. 2:18)
12. Tokkummaa waaqayyoorratti ibsa Phaawuloos kenne (Efe. 4:4-6)

13. Gaarummaa waaqayyooratti ibsa Phaawuloos kenne (Tito 3:4-6)

14. Seensa/walabara Pheexiroos (1Phex. 1:2)

Mata duree addaa “Sadan tokkummaa/Trinity”/ irratti Yoh. 14:26 kaa’ame dubbisi.

5:8 “Afuuraa fi Bishaan fi Dhiiga: Sadanuu tokkummaa qabu” Kakuu Moofaa keessati dhuga-baatotni sadanuu Dhimma tokko ibsuuf barbaadamu (cf. 5 Kees. 17:6; 19:15). Asittis seenaan ta’ii jireenya yesuus irratti akka nama guutuu fi waaqummaatti kan ragaa ba’udha. Luqqisii kana keessatti “Bishaan” fi “Dhiiga” kan jedhu irra deebi’amee Afuura qulqulluu wajjin ibsame. Jechi “Bishaan” fi “Dhiiga” jedhu lak. 6 irratti eeramaniiru. “Afuura” kan jedhu tarii sababa Gugeen/bullaallaan irra qubatteef, “Cuuphaa” ibsuu hin oolu. Garuu kanaan kan mormes Barsiisota Sobduun wal qabatee “namummaa dhugaa” Yesuus qabuun waliigalteen dhabamuu isaati.

5:9 “Erga/Utuu” Kunis Hima Otola sadarkaa tokkoffaa kan yaada barreessaaf dhugaa’ina qabu. Yohaannis Waldaaf kiristaanaaf kana barreesse. Sababni isaas, waan isaan barsiisa barsiisotaa sobdun burjaa’anii lallaba isaaniis dhaqaniif ture.

▣ **“Dhuga ba’umsa namootaa erga fudhatamee Dhuga ba’umsi waqayyoommoo ni caala”** Dhuga-ba’umsi waaqummaa kun qabiyyeen isaa:-

1. Dhuga-ba’umsa Afuura qulqulluu
2. Dhuga-ba’umsa Ergamoota kan isaan yesuus biyya lafaarrati yeroo turef godhanii fi du’a isaa’ ba’an (eg. 1:1-3).

▣ **“Ilma isaa ilaalchisee dhugaa ba’e”** Agarsiisa si’aayina sirrii kan gochi yeroo darbee kan ammaan ilaalamee ittis qabamanii jiraachuu eeramedha. Kunis sagalee waaqayyoo yeroo cuuphaa yesuusiif jajjabina kenne ibsa. (cf. Mat. 3: 17) ykn bakka inni itti of jijjiire (cf. Mat. 17:5; Yoh. 5: 32, 37; 8:18) ykn wantota galmaa’anii caaffata qulqullaa’oo keessatti taa’an (i. e. Wangeela). Mata duree addaa “Dhuga-baatota Yesuus” jedhu Yoh. 1:8 irraa ilaali.

5:10 “Dhugaa-ba’umsa of keessaa qaba” Gaalee kana karaa lamaan hiikuu dandeenya.

1. Dhuga-ba’umsa keessaa kan Afuurri qulqulluun Amantootaaf qabu. (cf. Rom. 8:16)
2. Dhugaa wangeelaa (cf. Mul. 6:10; 12:7; 19:10)

Mata duree addaa Dhuga-baatota kiristoos Yoh. 1:8 irraa ilaali.

▣ **“Ofiisaaf sobduu of godhe”** Kunis Agarsiisa si’aayina sirriitti (PERFECT ACTIVE INDICATIVE). Warri dhuga-ba’ummaa Ergamootaa waa’ee Yesuusiif morman Waaqayyoon warra mormanidha. (cf. Lak. 12). Sababni isaas waaqayyoon sobduu waan godhaniifidha.

▣ **“Waan inni hin amanneef”** Kunis Miirsoo Agarsiisa si’aayinaa (AORIST ACTIVE INDICATIVE) kan gocha darbe ykn gocha raawwatame dubbatudha. (cf. Yoh. 3:16). Jireenyi barabaraa Yoh. 17:3 irratti hiikameera. Karaa biraammoo kenna waaqayyoiirraa dhufudha. (cf. 2:25; 5:11; Yoh. 10:28). Innis kan amantiidhaan kiristoos irraa fudhatamudha. (cf. 5:13; Yoh. 3:16). Namni tokko osoo ofiisaaf Ilmatti hin amaniin waaqayyoo waliin hariiroo uumee jiraachuu hin danda’u.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 5:13-15

¹³Isin warri maqaa ilma waaqayyootti amantan jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe. ¹⁴Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne, inni nuuf in dhaga’a. akka kanatti isa in amananna. ¹⁵Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga’u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna.

5:13 “Maqaa isaatti amanuu” Gocha si’aayina ammee, (present Active Participle) kan Amantii itti fufinsa qabu irratti xiyyeeffatu dha. Kunis maqaa Damsoo (magical) ykn maqaa mandiso (mystical)’n tajaajilu miti. (Akka Yihudonni mandisammaa Maqaa waaqayyooratti hundaa’e “Kabbalah” itti tajaajilaman), garuu, KM’n maqaa namaan bakka buusee itti dhimma ba’a. mata duree addaa Yoh. 2:23 ilaali.

▣ **“Akka beektaniif”** Alsi’ayina sirii (PERFECT ACTIVE SUBJUNCTIVE)(‘oida’n unkaan sirii (perfect) garuu yoo hikamu Amma (presents ta’a). Jechootni Giriik wal fakkaatan (amatu) jiru. (oida fi ginosko). Kan xalayaa ykn lallabaaf “Beekuu” jedhuun hiikamanidha. Luqqisiin kunis gama Tiyoooloojiin Wangeela Yohaannis (cf. 20:3) waliti dhiyeenyaa wal fakkaatu. Beekumsi isaan dhugaa wangeelaaf qaban ilaalcha waliigalaa kan kiristoositti amanuu isaaniib sudha.

1. Amantootni jirenya bara baraa qabu (Lak. 13, oida. PERFECT ACTIVE SUBJUNCTIVE)
2. Waaqayyo kadhata Amantootaa ni dhaga’a. (Lak. 15, Oida, PERFECT ACTIVE INDICATIVE)
3. Waaqayyo kadhata Amantootaaf deebii kenna (Lak. 15, Oida, PERFECT ACTIVE INDICATIVE)
4. Amantootni waaqayyo irraa dhalatan. (Lak. 18 Oida, PERFECT ACTIVE INDICATIVE)
5. Amantootni kansaati (waaqayyo) (Lak. 19, Oida, PERFECT ACTIVE INDICATIVE).
6. Amantootni akka masihiin dhufuu fi akka inni isaan hubachiisu in beeku. (Lak. 20, Oida, PERFECT ACTIVE INDICATIVE).
7. Amantootni dhugicha ni beeku. Abbaas ta’e ilma. (Lak. 20, ginosko, P. A. S.)

MATA DUREE ADDAA: MIRAKANEESA

- A. Kiristaanotni akka fayyan in beekuu? (cf. 1Yoh. 5:13). 1Yoh. Qormaata ykn ragaa sadii qaba.
 1. Seera bultoo (Amantii) (Lak. 1, 5, 10, 2:18-25; 4:1-6, 14-16; 5:11-12)
 2. Haala jireenyaa (Abboomamuu) (Lak. 2-3; 2;-6; 3:1-10; 5:18).
 3. Hawaasummaa (Jaalala) (Lak. 2-3; -2;7-11; 3:11-18; 4:7-12,16-12).
- B. Mirkaneessuu kan hundumaa caaludha.
 1. Joon kaalviin filannoo waaqayyoo irratti hundaa’uun mirkanaa’e. innis jireenya kana keessatti qajeelummaa takkaa hin qabnu” jedha.
 2. Mirkanaa’insi Joon Weesley muuxannoo amantii isaarrati hundaa’e. Innis “cubbuu beekkamaa garrarraa jiraachuuf dandettii qabna” jedhee amane.
 3. Kaatolikiin Roomaa fi waldaan Kiristaanaa miraknaa’ina Ol aantummaa waldaaratti hundaa’e qabu. Gareen isaan itti ramadaman isaan mirkaneessuuf bu’uura.
 4. Mirkanaa’inni Ergamumma irraa caala waadaa wangelaa, kan firii Afuura qulqulluun wal qabate jireenya Amantootaa keessatti ta’u irratti hundaa’a. (cf. Gal. 5: 22-23)
- C. Mirkanaa’inni Dhala namaa kufaa kanaa duraan dursee sadan waaqayyoon walqabata jedheen yaada.
 1. Gaala Waaqayyo Abbaa
 - a) Yoh. 3:16; 10:28-29
 - b) Roomaan 3:31-39
 - c) Efe. 2; 5, 8-9
 - d) Filiphios 1:6
 - e) 1 Phexiros 1:3-5
 - f) Yohaannis 4: 7-21
 2. Gocha Waaqayyo Ilmaa.
 - a) Nuuf jedhee du’uusaa
 - 1) Hoer. 2:23
 - 2) Rom. 5: 6-11
 - 3) 2Qor. 5:21
 - 4) 1Yoh. 2:2; 4: 9-10
 - b) Kadhannaa Luba guddaa (Yoh. 17:12)
 - c) Atoomsa/Araarsa itti fufaa
 - 1) Room 8:34
 - 2) Ibr. 7:25
 - 3) 1Yoh. 2:1
 3. Hojii Waaqayyo Afuura Qulqulluu
 - a. Waamuu (Yoh. 6:44, 65)
 - b. Mallatteesuu/ sumuuduu/ sealing)
 - 1) 2Qor. 1:22; 5:5
 - 2) Efe. 1:13-14; 4:3)

- c. Mirkaneessuu
 - 1) Rom. 8: 16-17
 - 2) 1Yoh. 5: 7-13)
- D. Garuu Namootni kakuu waaqayyoo (Jalqabaa fi itti fufaa) deebii kennuu qabu.
 - 1. Amantootni cubbuurraa deebi'uu qabuun gara waaqayyootti karaa kiristoos deebi'uu qabu.
 - a. Mar. 1:15
 - b. Hoer. 3:16; 19; 20:21
 - 2. Amantootni karaa Yesuusii kennaa Waaqayyoo fudhachuu qabu.
 - a. Yoh. 1:12; 3:16
 - b. Room. 5:1
 - c. Efe. 2:5; 8-9
 - 3. Amantootni amantiin itti fufanii jiraachuu qabu.
 - a. Mar. 1:15
 - b. 1Qor. 15:2
 - c. Gal. 6:9
 - d. Ibr. 3:14
 - e. 2Phex 1:10
 - f. Yih. 20-21
 - g. Mul2;2-3,7,10,17,19,25-26;3:5,10,11,21
 - 4. Amantoota Qormaata sadiitu muudata.
 - a. Seer-buloo (doctrinal) (Lak. 1,5,10;2:18-25:4:1-6, 14-16)
 - b. Haala jireenya (Life style) (Lak. 2-3; 2:3-6;3:1-10)
 - c. Hawaasa (Lak. 2-3;2:7-11;3:11-18;4:7-12; 16-21)
- E. Mirkaneessuun in ulfaata. Sababni isaas:-
 - 1. Amantootni muuxannoo barbaadu malee waadaa wangelaa waan hin taaneef.
 - 2. Amantootni guutumaatti wangeela waan hin hubanneef.
 - 3. Amantootni yeroo mara cubbuu fedhii guuteen waan deemaniif (cf. 1Qor. 3:1-15; 9:27; 1Xim. 1:9-20; 2Xim. 4:10; 2Phex. 1:8-11)
 - 4. Gosa qajeelina dhuunfaan fudhatamaa fi jaalala waaqayyon fudhachuu dhabuu
 - 5. Hojiin sobaaf fakkeenya wangeela keessa jiraachuu (Mat. 13:3-23; 7:21-23; Mar. 4:14-20; 2Phex. 2:19-20; 1Yoh. 2:18-19)

5:14 “Ofitti Amanamummaa isa duratti qabanu” kunis ergaa yeroo ammatti (cf. 2:28; 3:21;4:17). Innis waaqayyotti dhiyaachuu keenyaan bilisummaa qabnu nutty mul'isa. (cf. Ibr. 4:16). Mata dure addaa 2:28 ilaali.

▣ **“Akka fedhii isaatti waan hundumaa isa gaafanna”** Himni Yohaannis kun Amantootni waaqayyoo waa gaafachuuf dandeettiin qabanin kan hin daangofne fakkaata. Akkamitti fi maal namni tokko kadhatu Amanaa dhugaa argisiisuf ragaaa tokkodha. Ta'uyyuu yoo qoratamu, kadhannaan akka fedha keenyaatti osoo hin taane akka fedha waaqayyootti gaafatamuu qaba. (cf. 3:22, Mat. 6:10; Mar. 14:36) Yaadannoo guutuu 3:22 irraa dubbisi. Mata Duree Addaatiif Jaalala Waaqayyoo kan jedhu Yoh. 4:34 irra isa jiru ilaali. Akkasumas Mata Duree Addaa: Kadhata kan hin murtoofne kan amma iyyuu ganaa murtaa'aa isa jedhu 3:22 ilaali.

MATA DUREE ADDAA: WALIIF KADHACHUU

I. Seensa.

- A. Sababa fakkeenyummaa Yesuusiif kadhatni barbaachisaa dha.
 - 1. Kadhata dhuunfaa, Mar. 1:35; Luq. 3:21;6:12;9:29:22:29-46
 - 2. Mana qulqullummaaf, Mat. 21:13; Mar. 11:17; Luq. 19:46
 - 3. Fakkenya (Model) kadhattootaa, Mat. 6:5-13; Luq. 11:2-4).
- B. Kadhannaan, Amantii dhuunfaa keenyaa qabatamaa gochuu, waaqayyoo isa jiraataa baachuu, fedhuu fi ofiiifis nama biroof kadhata keenyaan gargaaruu.
- C. Waaqayyoo kadhata ijoolleesaarrati bakka hedduutti of daangesseera. (cf. Yaq. 4:2)

- D. Kaayyoon kadhata keenyaa sadan tokkummaa waaqayyoo waliin jiraachuudha,
- E. Gosti kadhannaa kan amantoota ilaallatu mara, yeroo tokko kadhannee amanna, Yookiis itti fufne ni kadhanna.
- F. Kadhannaan caaccuu/firiiwwan hedduu qaba.
 - 1. Waaqayyo galateeffachuu fi jajachuu.
 - 2. Kennaa waaqayyoof, jiraachaasaaf, duuka bu'ummaa fi gargaarsa isaaf kennuu.
 - 3. Cubbuu Kenya darbes ta'e kan ammaa isatti dhiyeeffachuu (himachuu)
 - 4. Fedhii keenya isatti himachuu.
 - 5. Nama biroof waaqayyo duratti isa dhiyeessinee kadhachuuti.
- G. Walif kadhachuun hojii guddaa/hojii waaqayyooti. Waaqayyo warra nuti kadhannuuf hamma nu jaalannuun olitti jaalata. Ta'uyyuu kadhanni keenya waa ni jijjiira, nu keessatti qofa osoo hin taane isaan keessattis ni hojjeta.

II. Ibsa Wangeelaa

A. Kakuu Moofaa

- 1. Kadhata waliif fakkeenya muraasa.
 - a. Abrahaam Sadoomiif boo'uu isaa Uma. 18:22ff.
 - b. Museen Israa'eliif kadhachuusaa.
 - 1) Ba'uu 5:22-23
 - 2) Ba'uu 32:31ff
 - 3) S. kees. 5:5
 - 4) S. kees. 9:18,25ff
 - c. Saamu'eel Israa'eliif kadhachuusaa.
 - 1) 1 Sam 7:5-6, 8-9
 - 2) 1 Sam. 12:16-23
 - 3) 1 Sam. 15:11
 - d. Daawwiti Ijoollee isaaf kadhate- 2Sam. 12: 16-18
- 2. Waaqayyo waliif kadhanna ni arga. Isa. 59:16
- 3. Beekaa, cubbuun hin himatamne ykn qalbii diddiirrachuu dhabun kadhannaa keenya jeeqa.
 - a. Far. 66:18
 - b. Fak. 28:9
 - c. Isa 59:1-2; 64:7

B. Kakuu Haaraa

- 1. Hojii Ilmii fi Afuurri namaa kadhatan
 - a) Yesuus
 - 1) Room. 8:34
 - 2) Ibr. 7:25
 - 3) 1Yoh. 2:1
 - b) Afuura qulqulluu - Rom 8: 26-27
- 2. Phaawuloos Hojii waliif kadhannaa godhe.
 - a. Yihuudotaaf kadhachuusaa
 - 1) Rom 9:1ff
 - 2) Rom 10:1
 - b. Waldaa kiristaanaaf kadhachuusaa
 - 1) Roomaa 1:9
 - 2) Efe. 1:16
 - 3) Filiphi. 1:3-4;9
 - 4) Qol. 1:3,9
 - 5) 1Tas. 1:2-3
 - 6) 2Tas. 1:11
 - 7) 2Xim. 1:3
 - 8) Filemo. Lak. 4
- C. Waldaa kiristaanaa akka isaaf kadhattuuf Phaawuloos gaafachuusaa
 - 1) Rom 15:30

- 2) 1Qor. 1:11
 - 3) Efe. 6:19
 - 4) Qol. 4:3
 - 5) 1Tas. 5:25
 - 6) 2Tas. 3:1
3. Hojii waliif kadhannaa waldoolee kiristaanaa.
 - a. Wali wali isaaniif kadhachuu
 - 1) Efe. 6:8
 - 2) 1Xim. 2:1
 - 3) Yaq. 5:16
 - b. Garee addaaf kadhata barbaachisu ta'uu.
 - 1) Diinota kenyaaf, Mat. 5:44
 - 2) Hojjetoota Kiristaanaaf, Ibr. 13:18
 - 3) Bulchitootaaf, 1Xim. 2:2
 - 4) Dhukkubsatootaaf, Yaq. 5: 13-16
 - 5) Warra duubati deebi'aniif 1Yoh. 5:16

III. Haalota kadhannaa deebisuuf ta'an

- A. Hariiroo nut kiristoosii fi Afuura qulqulluu waliin qabnu.
 1. Isatti qabannee jiraachuu, Yoh. 15:7
 2. Maqaa isaan, Yoh. 14:13, 14; 15:16; 16:23-24
 3. Afuura qulqulluun Efeesoon 6:18, Yihudaa 20
 4. Akkaataa fedhii waaqayyoon, Mat. 6:10; 1Yoh. 3:22; 5:14-15
- B. Kaka'umsa
 1. Pherpheramuu/raafamuu dhiisuu, Mat. 21:22; Yaq. 1:6-7
 2. Danboobaa ta'uu fi Qalbii diddiirrannaa, Luq. 18;9-14
 3. Hir'ina/dogoggora ofiif gaafachuu, Yaq. 4:3
 4. Ofittummaa, Yaq. 4:2-3
- C. Kallattiiwwan biroon
 1. Kan dursee murtaa'e
 - a. Luq. 18:1-8
 - b. Qol. 4:2
 2. Kadhata ofirratti eeggachuu
 - a. Mat. 7:7-8

5:15 “Utuu” kunis hima Otolaa sadarkaa tokkoffaadha. (garuu “ean” fi Indicative waliin A. T. Robertson, word pictures in NT. P 243 ilaali). Kunis kan kaayyoo hog-barruu isaa fi ilaalcha namootaa kan dhugaa ta'a jedhamee yaadamudha. Innis Hima Otolaa baratamaa miti.

1. “ean”bakka “ei” qaba. (cf. Hoer. 8:31; 1Tas. 3:8)
2. “ean” kan “subjunctive” waliin wal qabatu qaba. Kan gama seer-lugaatiin hima Otolaa sadarkaa sadaffaa ta'udha.
3. Himni Otolaa sadarkaa sadaffaa lak. 14 fi 16 irra jira.
4. Kadhanni amantootaa gama Tiyoooloojiin fedha waaqayyoon kan wal qabatu (Lak. 14) fi maqaa Yesuusiin kan wal qabatudha (Lak. 13).

▣ **“Ni beekna”** Agarsiisa si'aayinaa sirrii (perfect Active Indicative) kan akka Henna Ammee, kan Lak. 14 irraan wal fakkaatee hiikamudha. Innis mirkaneessa Amantootaa, Abbaan dhaga'uu isaa fi Ijoollee isaaf deebii kennuu isaa ibsudha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 5: 16-17

¹⁶ Namni tokko obboleessi isaa cubbuu du'a (barabaraatti) isa hin geessine utuu hojjetuu yoo arge, haa kadhatuuf. Waaqayyo jireenya isaaf in kenna. Kunis warra cubbuu du'a isaan hin geessine hojjetan duwwaadhaaf ta'a. cubbuun du'a nama geessu jira. Namni isa akkasii kanaaf haa kadhatu jechuu koo miti.

¹⁷ Seera malee jiraachuun hundinuu cubbuudha. Garuu cubbuun du'a (barabaraatti) nama hin geessine jira.

5:16 “Utuu” kunis hima Otola sadarkaa sadaffaa kan gocha human qabeessa tokko dubbatu jechuudha. Lak. 6 kadhata nuti hordofoota Amantii kiristaanaaf goonu irratti xiyyeefata. (cf. Gal. 6:1 Yaq. 5: 13-18) warra kaan garuu daangesuun, warra barsiisota sobduun wal qabatan ni dhorka. (cf. 2 Phex. 2)

▣ **“Obboleessa isaa cubuu du’a isa hin geessine hojjetu namni arge”** Yohaannis gosoota cubbuu heddu tarressa. Inni kaan:- (1)Warra Waaqayyo duukaa bu’aniin wal qabata. (2) Kaan, hordofoota amantoota biroon wal qabata. (3) Kaan immoo warra biyya lafaa kana duukaa bu’aniin walqabata. Cubbuu cimaan Amantii yesuus kiristoos irratti akka hin qabanne nama dhorka. Kunis cubuu cimaa gara du’aatti nama geessudha. W. T. Conners in his Christian Doktorin, ykn seer-bulloo kiristaanummaa isaa keessatti.

“This does not mean, however, unbelief in the sense of arefusal to accept a doctrine or a dogma. It is unbelief in ones rejection of moral and spiritual light, particularly as that light & enbidued ij Jesus Christ. It is the rejection of God’s final revelation of him self as made in Christ. When this rejection becomes definite one willful, it becomes the sin unto death (1Yoh. 5: 13-17). If thus becomes moral sui cide. It is putting out one’s own spiritual eyes. Iti does not take place except in connection with a high degree of enlightenment. It is deliberate, willful, malicious rejection of Christ as God’s revelation, knowing that he is such a revelation. It isa deliberately calling white black” (fuula 135-136).

MATA DUREE ADDAA: CUBBUUN DU’A GEESU MAALI?

A. Hubannuu Gama seera’ummaan (Hermeneutical consideration)

1. Adda ba’insi ifa ta’e sabseena seenawaa 1Yohaannisiin wal qabachuu kan qabu.
 - a) Barsiisotni sobduun (Gnostics) waldaa keessa jiraachuu, (cf. 2:19, 26; 3;7; 2Yoh. 7)
 - 1) “Cerinthian” warri jedhaman warra yaada “Gnostic” qabatanii yesuus yeroo cuuphamu namni yesuus jedhamu afuura chiristoos fudhatee osoo (yeroo fannoorratti du’u ijaa hin ga’iin afuurichi dhiisee irraa deeme jedhu. (cf. 5:6-8)
 - 2) Yaada “docetic Gnostics” immoo Yesuus afuura samiirraa dhufe, garuu nama dhugaa miti jedhu.
 - 3) Waa’ee qaama namummaa irratti jaarraa 2^{ffaa} keessa barreeffamootni “Gnosticism” waantota (ilaalcha adda addaa lama calaqqisiisu.
 - a) Erga fayyinni yaada sammuu ibsame, Afuurri qaama keessa baafachuu isaa ni barbaachisu, Kanaafuu, waan barbaaddu kamiyyuu argachuu ni danda’a “Livertine Gnostics”
 - b) Erga Qaamni foonii hamaa ta’ee, fedhiin foonii kamiyyuu fagaachuu qaba. “Ascetic Gnostic” jedhamu.
 - b) Barsiisotni sobduu waldaa kiristaanaatii ba’uu qabu (cf. 2;19)
2. Adda ba’insi ifa ta’e gama hog-barruu gutummaa macaafichaa wal qabachuu qaba.
 - a. 1Yoh. Barsisota sobduu saaxiluu fi Amantoota dhuga mirkaneessuuf caafame.
 - b. Kaayyoon kun lamaan kan inni ilaalamuu danda’u Amantoota dhugaa qoruuni.
 1. Seer-bulloo (doctrine)
 - a) Yesuus nama dhugaadha. (cf. 1:1-3; 4;14)
 - b) Yesuus waaqa dhugaadha. (cf. 1;2;5;20)
 - c) Namootni cubbamtoota, waaqayyo qulqulluuf deebii kennanidha. (cf. 1:6,10)
 - d) Namootaaf ni dhiifama, waaqayyo wajjin qajeelummaatti jiraatu:
 - i. Du’uu Yesuusiin (cf. 1:7:2:1-2;3:16:4:9-10; 14:5:6-8)
 - ii. Yesuusitti amanuun (cf. 1:9;3:23;4:15;5:1,4-5; 10-12:13)
 2. Gochaa (Positive)
 - a) Jireenya Abboomamaa (2;3-5;3:22:24:5:2-3)
 - b) Jireenya Jaalalaa (2:10;3:11,14,18,23:4:7,11-12,16-18,21)
 - c) Jireenya Kiristos fakkaachuu. (cubbuu miti. cf. 1:7; 2:6,29;3:6-9;5:18)
 - d) Jireenya hamaa mo’achuu (cf. 2: 13,14; 4:4:5:4)
 - e) Dubbiinsaa isaan keessa jiraachuu (cf. 1:10;2:14)
 - f) Isaan Afuuraan guutaman (cf. 3:24;4:4-6;13)
 - g) Gaaffii deebii argate (cf. 5:14-15)
3. Gochaan argisiisuu (negative)

- a) Jireenya cubuu; (cf. 3:8-10)
 - b) Jireenya jibba, (cf. 2:9,11;3:15:4:20)
 - c) Jireenya Abboommii cabsuu, (cf. 2:4;3:4)
 - d) Biyya lafaa jaalachuu (cf. 2:15-16)
 - e) Yesuus ganuu (cf. 2:22-23; 4:2-3; 5:10-12)
3. Adda bainsi sirriin/ifaa barreeffama barbaachisoon walqabachuun (cf. 5:16-17)
- a. Jechi lak. 16 irraa “Obboleessa” jedhu kan cubbuu du’atti geessu hojjetees ta’ee kan cubbuu du’atti hin geessine hojjete lachuunuu wal qabataa?
 - b. Kan nuffaan keessaa tokko miseensa waldaa kan ta’e (2:18)
 - c. Faayidaan baruuchaa maaliidha?
 - 1) Cubbuu waliin hidhatan hin qaban
 - 2) Gochima “arguu” jedhu akka hima otola sadarkaa sadaffaa “AORIST ACTIVE SUBJUNCTIVE” keessati./
 - d. Kadhanni kiristaanaa tokko akka godheetii kan inni jireenya bara baraa haaroomsiisuu (Yaaq. 5:15-16) qalbii diddiirannaa cubbamaa sanaa malee?
 - e. Gosa cubbuu (du’atti geessuu fi du’atti hin geessine) lakk. 17 akkamitti walitti dhufaa?
- B. Rakkina tiyoolookaawaa
1. hiiktuun sun barruu kana kanneen armaan gadii waliin wal bira qabee hiikuuf yaaleeraa
 - a. cubbuu “dhiifama maleeyyii” wangeela keessa jiru waliin
 - b. cubbuu “ala tokkicha bahuu” Ibroota 6 fi 10 irra jiru waliin
 Haalli Ergaa Yohaannis tokkoffaa cubbuu faariisoonni baa yesuus keessa hojjetan waliin walitti ni dhufa (Matt. 12:22-37; Maarqoos 3:2-29). Akkasumas ganiinsa Ibroota 6 fi 10 irra jiru waliin. Gareen hundinuu (Fariisoota, Yihuudii warreen hin amaniinii fi, barsiisota sobduu ginoostiiksii) wangeela sirriitti dhaga’aniiru, garuu Yesuusitti amanuu ni didani.
 2. Gaaffiileen xin-amantii bara kanaa gaafatanu ammeenya tiyoolojii jarrii barruu kana irratti qabanu irraa maddaa?
 Warreen gartuu wangeela jalqabbii shaakala kiristiyaanummaa irratti xiyyeeffachuun adeemsa walirraa hin cinnee jireenya dhugaan jiraachuu ni dagatu. Gaaffiin tiyoolojii bara kanaa kiristiyaanoota warreen jaarraa duraa ni rifachiisa. Gartummaa xin-amantii keenyaa irraa kan ka’e “mirkanneeffannaa” keenyaaf “waraabbii-mirkaneessoo” barbaanna.
 Gaaffiin tiyoolojii keenyaa fi, hammeenyi keenya waabdii dhabeeyyii ta’uu keenya ifatti agarsiisa. Isa Macaafni qulqulluun kennuun alatti odeeffannoo hedduu fi ibsa bal’aa barbaanna, kanaafuu tiyoolojiinkeenya sirna waraabbile danuu fudhata, akkasumas wanta walxaxaa hedduu qabaata, keessattuu barumsi amantii keenyaa, akka kan warra dhiyaati!
 Jechoonni Yesuus Maat. 7 fi Maarqoos 7 waldaa bara jalqabaatiif quubbaa ture! Yesuus duuka buutota barbaadaa ture malee murtoo miti, yeroo dheeraa kan fudhatu jireenya amantii, kaka’umsa miiraatiin kan guutame amantaa miti (Matt. 13:10-23; Yoh. 8:31-59). Kiristiyaanummaan wanta darbee qofaa kan ta’e miti, garuu qalbii diddiirannaa, amantii abboomamuu fi ciminaan dhaabbachuu walii irraa hin cinneedha. Kiristiyaanummaan tikeeta gara mootummaa Waaqayyootti ittiin seenanu miti, yeroo darbeetti kan bitame miti, poolisii inshuuraansii ibiddaa miti, nama tokko kan ofittummaa, fi jireenya qajeelaa hin taane irraa kan ittisu.
 3. Cubbuun du’atti geessu kan inni agarsiisu du’a qaamaatii moo du’a bara baraati? Yohaannis akka ilaalluutti jecha “zoē” jedhutti fayyadama dubbisa kana keessatti du’a bara baraa agarsiisuuf. Waaqayyo daa’imman cubbuu hojjetan gara manaatti fudhachuu (du’a qaamaa) ni danda’aa? Ergaan dubbiisa kanaa (1) kadhata amantootaa (2) qalbii diddiirannaa amanaa sanaa jireenya isaa sirreessuuf, garuu yoo gartuu amantaa sana keessatti haal asanaan kan itti fufu yoo ta’e du’a “yeroo isa ahin eegneen” ykn lubbuu isaa irraa qaamaan addaan bahuu itti fiduu ni danda’a. (*When Critics Ask* kan jedhu Norman Geisler fi Toomaas Hoween fuula 541 dubbisi).

▣ **“Waaqayyo jireenya isaaf kennuu ni danda’a”** Rakkinni hikaa as keessatti kan “Jireenya/Life” jedhuuti (*zoē*). Salphaadhummatti barreeffamoota Yohaannis keessatti “Jireenya barabaraa” ibsa. As keessatti garuu, deebi’ee ijaaramuu ykn dhiifama cubbuu argachuu isaa ibsa. (Akkuma Yaaqob “fayyina” jecha jedhu ni

fayydama. Yaq. 5:13-15). Namichi inni kadhatu sun “obboleessa jedhamee ni beekama. Inni ciminaan amanaa kan ibsuudha (Akkaataa Yohaannis dubbistoota isaa itti ibsuutti).

5:17 Cubbuun hunduu balaafamoodha, garuu cubbuun hundaa karaa qalbii diddiirrannaan namaaf ni dhiifamu (Jalqaba, cf. Mar. 1:15; Hoer. 20:21 Iti fufiinsaan, cf. 1Yoh. 1:9) Amantii kiristoositti qabamaniis ni dhiifama. warra hin arganne yoo ta’e malee.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): 5:18-20

¹⁸ Namni mucaa waaqayyoo ta’e cubbuutti qabamee akka hin jiraanne in beekina. Inni waaqayyoo isa in eega, inni hamaanis isa hin tuqu. ¹⁹ Nuyi kan waaqayyoo akka taane guutummaan biyya lafaa immoo harka isa hamaa jala akka jirru in beekna. ²⁰ Ilmi waaqayyoo dhufee isa dhugaa sana baruudhaaf hubannaa akka nuuf kenne in beekna. Nuyi isa dhugaa sana kessa. Ilma isaa yesuus kiristoos keessas in jiraanna; waaqayyoo inni dhugaan, jirenyi bara baraas isa kana.

5:18 “in beekna” Yaadannoo keeyyata 2^{fiaa} 5:13 irraa ilaali.

▣ “namni mucaa waaqayyoo ta’e cubbuu hin hojjetu” Ibsa Gurraachaaf Adii (Ifumaan ifatti kaa’ame) 3:6 fi 9 irra jirudhu. Jireenyi barabaraa Amala hubatamuu danda’u qaba. Barsiisotni sobduu of wallaaltotni sun onnee isaanii isa jabaataa sana ibsu (cf. Maatiwoos 7)!

Yohaannis barsiisoota sobduu gosa lama agarsiisaa ture. Warrii tokko warra sochii cubbuu gananu (1:8-2:1) akkasumas gareen kaan cubbuun akka hin jirreetti warra lakkaa’aniidha (3:4-10). Cubbuun jalqaba irratti keess aofiitii qalbii diddiirrachuu, ala ofitti ammo fageessuu gaafata. Cubbuun rakkoodha, rakkisaadhas akkasumas rakkoo ta’ee itti kan fufuudha (5:21).

Bruce Metzger, *A Textual Commentary of the Greek New Testament* (fuula 718) dubbisi, bakka sanatti barreeffamoonni maal akka gaalee saniif hiikamanii ka’aman ni hubatta. “Mucaan Waaqayyoo” kan inni ibsu.

1. Yesuus- then *auton* fits best (A*, B*)
2. Amantoota- then *auton* fits best (κ, A^c)

UBS⁴ #1 reetii “B” kennaaf.

▣ “garuu Waaqayyootti kan dhalate isa ni eega” Waraabbiichi jecha “AORIST PAASSIVE PARTICIPLE” agarsiisa, nama alaati hojiin hundinuu hojjetamee akka xumurame. (hafuura Roma 8:11) ilaali. Kun kan inni agarsiisuu foon uffachuu Yesuusiidha.

Gosti inni lammataa “Raawwii Yeroosii” kan agarsiisudha. “isha” (*auton*). Kun kan agarsiisu “inni Waaqayyoon irraa dhalate eeguu itti fufa jechuudha” Kun kan agarsiisu Yesuus amantoota eeguu kan itti fufu ta’uusaati. Hiikni kun kan inni hordofe barreeffamoota Giriikii A* fi B* dha. Hiikni kunneen kitaaboota NASB, RSV, fi NIV afaan Ingiliffaa keessatti ni argamu.

Barreeffamoonni κ fi A^c maqdhalaa gara biroo ni qabu. “ofiisaa eegaa” (*eauton*). Kunis kan agarsiisu Waaqayyoon irraa kan dhalae itti gaafatamummaa eeguu akka qabuudha. “dhalatee ture” kan jedhu bakka kamittu Yesuusii hin dubbatamne. Karaa biroon akka amantootaaf hojiirra akka oolee ni beekama. 3:3 fi 5:21. Kun ammo KJV fi ASV hiiktoota Ingiliiffaatiin hordofameera.

▣

NASB. “Inni hamaan isa hin tuqu”
NKJV. “Inni badaa sun isa hin tuqu”
NRSV. “Inni hamaan sun isa hin tuqu”
TEV. “Inni hamaan sun isa miidhuu hin danda’u”
NJB. “Inni hamaan sun isarratti aboo hin qabu”

Kun wanta yeroo ammaa kan agarsiisu ta’ee, isa hamaa inni jedhu kan inni jedhu “inni akka isa qabatuudha” Barreeffamni biroon jecha kanatti fayyadamu wangeela Yohaannis 20:17 qofa. Kiristaanotni akka qoraman wangeelarraas ta’u muuxannoo irraa beekuun ifaadha. Kiristaanoonni akka qoramanu Macaafa Quqlulluu fi shaakala irraa kan beekamuudha. Gaaleen kana hiikuuf yaaxinaalee sadiitu jiru.

1. Seeraan mormuurratti hundaa’ee Amantootni miidhaa Afuura hamaa jalaa bilisa ta’uu isaanii.
2. Yesuus nu gargaaree nuuf kadhachuusaa. (cf. 1Yoh. 2:1; Luq. 22:23-33)

3. Seexanni Fayyina keenya nurraa booji'uu hin danda'u. (Rom. 8:31-39) ta'uyyuu dhuga ba'umsa waaqayyoo jirenya keenya keessatti dheekamuu fi Lak. 16-17 irratti hundaa'ee Amantoota biyya lafaa kanarraa kaasuu danda'a.

5:19 “nuti kan waaqayyoo ta'uu keenya beekna” kunis mirkaneessa ofitti amanamummaa qabaachuun ilaalcha yesuus keessatti gama hundan qabaachuudha. (cf. 4:6). Hundumtuu dhugaasaa isa dinqisiisaa irratti hundaa'a. (cf. Lak. 13). Yaadannoo 5:13 irra jiru ilaali.

☐ **“biyyi lafaa hunduu harka isa hamaa sanaa jira”** kun Giddu-gala Ammee (PRESENT MIDDLE) ti. (cf. Yoh. 12:31; 14:30; 16:11; 2Qor. 4:4; Efe. 2:2; 6:12) kunis kan inni dhufuu danda'e. 1) Cubbuu Addaamiin, 2) Mormii seexanaan 3) Filannoo ofiin namni dhuunfaan godheen.

5:20 “ni beekna” Yaadannoo guutuu keeyyata lammaffaa 5:13 irratti ilaali.

☐ **“ilmi waaqayyoo dhufee”** Agarsiisa si'aayina ammee (present Active Indicative). Kan yesuus, barsiisota sobduu “Gnosties” akka hin taanee fi hubannoo waaqummaas ilma olii dhalate ta'uu isaa ibsudha.

☐ **“hubannoo nuuf kenne”** Yesuus Barsiisota sobduu “Gnosties” kan hin taanee fi hubannoo waaqummaasaan kan kennu ta'uusaa ibsa. Yesuus jireenya isaan, Barsiisa isaan, gocha isaan, du'uu isaan, du'aa ka'uu isaan, fi k. k. f. guutumatti waaqayyoon ibseera. Innis sagalee waaqayyoo isa jiraataadha, karaasaa malees kan gara abbaa dhaqu hin jiru (cf. Yoh. 14:6; 1Yoh. 5:10-12).

☐ **“nuyi isa dhugaa sana keessa, ilmasaa Yesuus Kiristoos keessa in jiraanna”** Waaqayyoo inni dhugaan, jireenya barabaraas isa kana:- Gaalee jalqabaa keessatti “Isa keesaa dhugaan eenyu? Waaqayyoo abbaa ibsa. Kan lammataa keessatti garuu namni kan ibse “waaqa isa dhugaa” kan jedhu gargar baasuuf ulfaataadha (Mata duree addaa 6:55 fi Yoh. 17:3 ilaali). Akka dubbisichaatti abbaa kan agarsiisu fakkaata, garuu akka tiyoolojiitti kan inni agarsiisu ilmadha. Jabeenyi Seer-lugaa tarii kaayyeeffatameeti ta'a, akka barreeffamoota Yohaannis arginuutti, abbaa jedhamuuf namni tokko mucaa qabaachuu mala (lakk. 12). Waaqummaanii fi dhugummaan abbaa fi ilmaa amanamummaa tiyoolojii kan agarsiisuudha (Yohaannis 3:3; 7:28; 8:26). Kakuun Haaraan Waaqummaa Yesuus isa Naazreetichaa ni mirkaneessa (Yoh. 1:1, 18, 20:28, Fili. 2:6, Titol 2:13, fi Ibro. 1:8).

Haa ta'uu iyyuu malee, barsiisoonni ginoostiiksii Waaqummaa Yesuusii mirkaneessaniiru (haafuurri Waaqummaa isa keesa buluu isaatiin).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 5:21

²¹Yaa ijoollee koo waaqolii tolfamoo irraa of eegadhaa!

5:21

NASB.

“Waaqolii tolfamoorraa of eegadhaa”

NKJ, NRSV,

“waaqolii tolfamorraa of ittisaa”

TEN.

“Waaqolii sobduurraa ofii keessan eegadhaa”

NJB.

“Waaqolii sobduun mormuurraa of ittisu”

Kunis dhugaa waliigalaa irratti xiyyeeffata. Kunis kiristaanotni kaka'umsaan fayyina qulqullummaa keessatti akka hirmaatanii Yesuus keessatti gammachun jiraatan kan godhudha. (cf. Efe. 1:4; 1Phex. 1:5).

Jechi “waaqa tolfamaa” jedhu barreeffamoota Yohaannis keessatti bakka lamatti qofa kan argamuu fi Asitti kan argamu, kakuu moofaa (KM) keessaa Mul. 9:20 irratti bifa waraabbiin fudhatamera. Innis jireenya ykn barsiisa barsiisota sobduun wal qabata. Jechi “Idol” fi “Sin” jedhu wal fakkaatu.

GAAFFILEE MARI

Kun gajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan. HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Qormaata sadan Amantootni kiristoos keessa ta'uusaanii mirkaneessan tarreessi.
2. Jechi "Bishaan" fi "dhiiga" jedhu lak. 6 fi 8 iraa maal ibsa?
3. Kiristaana ta'uu keenya ni beeknaa? Kiristaanotni kana hin beekne hoo jiruu?
4. Cubbuun gara du'aatti nama geessu maaliif?
5. Kan qoramuu keessaa nu oolchu Eegicha Aboo Waaqayyooti moo Humna dhuunfaa keenyaati?

II YOHAANNIS

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Fayyina	Dubartii fo'amte dubbisuu		Seensa	Nagaa gaafachuu
Lak. 1-3	Lak. 1-3	Lak. 1-2 Lak. 3	Lak. 1-3	Lak. 1-3
Dhugaa fi jaalala	Abboommii Kirisoosiin deddeebi'aa		Jaalalaa fi dhugaa	Seera jaalalaa
Lak. 4-11	Lak. 4-6	Lak. 4-6	Lak. 4-6	Lak. 4-5 Lak. 6
	Warra Kiristoosin mormani nama wallaalchisan irraa of eeggadhaa			Warra diina Kiristoos ta'an
	Lak. 7-11	Lak. 7-11	Lak. 7-8 Lak. 9-11 Jecha isa dhumaa	Lak. 7-11
Nagaa dhumaa	Lak. 12-13	Lak. 12	Lak. 12	Lak. 12
Lak. 12-13		Lak. 13	Lak. 13	Lak. 13

IBSA ITTIIN LIXAA

Yohaannis lammaffaa (2Yoh.) gama ergaa fi bifa ogbarruu (literary style) isaatiin Yohaannis tokkoffaadhaan sirriidhumatti wal fakkaata. Isaan lachanuu tarii barreessaa tokkoo fi kanneen yeroo tokko keessatti barreeffaman ta'uu hin oolan. Innis gosa xalayaa dhuunfaa jaarraa tokkoffaa keessa bifa godhatee barreeffamee fi kan waraqaa “paapirus” jedhamu irratti barreeffamuu danda'edha.

Akkuma ergaan Yohaannis inni duraa waldoolee hedduuf (akka ilaalchaatti, waldoolee kiristiyaanaa hundaaf) barreeffame, Ergaan Yohaannis inni lammaffaan immoo waldaa olla isaa tokkoo fi geggeessitoota isheetiif barreeffame (ta'uyyuu, Akkuma irra caala xalayaa dhuunfaa Kakuu Haaraainnis waldoolee kiristiyaanaa hundana dubbifameera). Inni²s fooodaa jireenya xiqqoo ta'ee jaarraa tokkoffaa keessa waldoolee Eeshiyaa gadi aanoo/asia minor (Turkey) keessatti ajaa'ibsiifamee ture.

*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyatanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfame ni qabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokko ni qaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sana ni calaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannoo qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaalun Macaafa Qulqulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeeffannoo hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa keessatti ibsamaniiru.

MARSAA DUBBISAA TOKKOFFAA (p.v. Ilaali)

Kun qajeelcha sirna qorannoo barsiisaa yaadannoo kitaaba ibsu kunis kan itti ati ittigaafatamummaa hiikaa macaafaa kan mataa keetii itti laattuudha. Tokko tokkoon keenya ifa nuuf kenname keessa deemuu qabna. Si'i kan macaafaa fi hafuura qulqulluu hiikuuf dursa qabu. Ati warra waan gara garaa itti makanitti dhiisuu hin qabdu.

Yoomessa siif kenname keessatti guutummaa kitabichaa dubbisi. Guutummaa kitaabichaa Ergaa Ijoo ta'e jecha dhuunfaa keetiin baasiif.

1. Ergaa guutummaa kitaabichaa
2. Gosa ogbarruu isaa (genre)

MARSAA DUBBISAA LAMMAFFAA (p.v. Ilaali)

Kun qajeelcha sirna qorannoo barsiisaa yaadannoo kitaaba ibsu kunis kan itti ati ittigaafatamummaa hiikaa macaafaa kan mataa keetii itti laattuudha. Tokko tokkoon keenya ifa nuuf kenname keessa deemuu qabna. Si'i kan macaafaa fi hafuura qulqulluu hiikuuf dursa qabu. Ati warra waan gara garaa itti makanitti dhiisuu hin qabdu.

Yoomessa siif kenname keessatti guutummaa kitabichaa dubbisi. Guutummaa kitaabichaa Ergaa Ijoo ta'e jecha dhuunfaa keetiin baasiif. Ykn dhimma ijoo jala muriitii, Dhimmicha hima baaqqeen ibsi.

1. Dhimma barreeffamichaa isa jalqabaa
2. Dhimma ijoo barreeffama isa lammataa
3. Dhimma ijoo barreeffam aisa sadaffaa
4. Dhimma ijoo barreeffam aisa araffaa
5. Kan kana fakkaaan (kkf)

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa) *SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirma gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keeyyata sadaffaa
4. Kkf.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): 1-3

¹Ana Isa maanguddicha bira, a haa ga'u gara haadha warraa ishee fo'atamtee fi gara ijoollee ishee, warra ani dhugaadhaan jaaladhuu, ana kophaa miti. Warri dhugaa hubatan hundinuu isin ni jaalatu malee. ²Jaalalli kunis, dhugichi inni nu keessatti hafee jiru bara baraan waan nu bira jiraatuuf. ³Ayyaanni, Araarri, nagaanis Waaqayyo abbaa biraa Yesuus Kiristoos ilma abbaa biraas dhugaatti, jaalalaattis nu wajjin haa ta'u.

Lakk 1. “Maanguddicha” Ankii (title)n kun barreessaa Ergaa Yohaannis isa duraa fi kan lammataa adda baasee ibsuuf tajaajila. Innis Macaafa Quqlulluu keessatti hiikaawwan adda addaa qaba.

Barreeffamoonni Yohaannis muudama barreessitootaa karaalee adda addaan ni ibsa.

1. Wangeelli gaalee iccittaawaa (cryptic phrase) Duuka buutuu isa jaalaltamaa” jedhutti fayyadama
2. Xalayaan jalqabaa kan ifaaf ifatti hin ibsamnedha (anonymous)
3. Xalayaan lammaffaa if sadaffaan Aankii “maanguddicha” jedhu qabu
4. Mul'anni isaa barreeffamoota dhuma biyya lafaa (apo (alyptic writings) kan hin amaleeffanne, tajaajiltoota/barreessitoota isaa akka tajaajilaa Yohaannisitti” tarreessa.

Yaada kennitootaa fi beektoota gidduus waa'ee barreessummaa barreeffama kanaa marii guddaatu jira. Isaan hunduu qorannoo afaanii (linguistic) fi Bifiyyee (stylistic) ititin wal fakkaatanii fi gargar ittiin ta'an hedduu qabu. Qabxii kana irrattis ibsi ga'aa ta'ee barsiisota wangeelaan fudhatama argate hin jiru. Ergamaa Yohaannis barreessaa isaanii hundaa ta'uun isa anan amana. Garuu kun immoo dhimma waliigalaan hubatamuu fi dhimma ibsame miti. Dhugaa'ummaa isaa yoo ilaalle barreeffama Macaafa Qulqulluu keessatti barreessaa guddaan “Afuura Waaqayyooti” Innis dhimma mul'ataan argamudha. Garuu, namoonni bara kanaa Adeemsa ogbarruu isaa beekuu fi hubachuu hin dandeenye malee jechuudha.

MATA DUREE ADDAA: MAANGUDDICHA

1. Kan ergamaa Waaqayyoo isa duree ergamummaa uumeeti (cf. Isa. 24:23). Jechumti kana fakkaatu Ergamummaa uumaa mul'ataaf (Angelic creatures of Revelation) tajaajileera (cf. 4:4,10; 5:5,6,8,11,14; 7:11,13; 11:16; 14:3; 19:4).
2. Gegeessaa gosaaf (zagen) Kakuu moofaa keessattis tajaajileera (cf. Ba'u 3:16; S.Lak. 11:16). Boodas Kakuu Haaraa mana murtii olaanaa Yihudootaa kan “Sanhedren” jedhamu uumaniif tajaajileera (cf. Mat. 21:23; 26:57). Bara Iyaasuus keessas qaamoleen miseensa torbaatamaan lubummaan malaamaltummaa to'ataniif ta'eera.
3. Kakuu Haaraa keessa gaggeessitoota waldoolee Naannoo/ollaaf tajaajileera. Jechoota walfakkaatan sadan (Seeraa Paastarii, Ilaaltuu/overseer, fi maanguddoo/elder) keessaa isa tokko (cf. Titoos 1:5,7; HoE. 20:17,28). Pheexiroosii fi Yohaannis garee geggeessummaa keessatti of dabaluufti itti gargaaramaniiru (cf. 1Phex. 5:1; 2Yoh. 1, 3Yoh. 1).
4. Namoota dulloomanii, geggeessitoota hin lane, kanneen waldaa keessa jiraniifis tajaajileera (cf. 1Xim. 5:1; Tito 2:2).

☐ **“haadha warraa ishee fo'atamtee fi ijoollee ishee”** Aankii kanaaf yaadota hedduutu jira. Namoonni hedduun kan inni barreeffameef, dubartii tokkoof yoo ta'u jecha Giriikii “Electa” kan filatamtuu/fo'atamtuu jedhu bakka bu'udha ykn immoo jecha Giriikii “kyria” kan giiftii (lady) Athanasius) jedhu bakka bu'udha jedhaniitu ibsuuf yaalu. Haa ta'uu malee, Ani ibsa “Jerome” irrattan waliif gala. Innis sababoota armaan gadii waan ibsuufidha.

1. Jecha Giriikii waldoota kiristiyaanaaf dubartummaa ibsu (lakk 1)
2. ‘LXX’ keessatti “fo'amuu”n kan qaama namootaa ibsu (cf. 1Phex. 2:9)
3. Kan waldaan kiristiyaanaa kan misirricha Kiristoos ta'uu ishee ibsu (cf. Efe. 5:25-32; Mul. 19:7-8; 21:2)
4. Waldaan kiristiyaanaaf miseensennishee akka daa'immaniitti eeramu (cf. lak 13)
5. Waldaan kiristiyaanaa kunis oboleettii tokko kan waldaa kiristiyaanaa ollaashee kan biroo ibsu ni qabdi (lak. 13).

6. Boqonnicha yoo sakattaane immoo baaqqummaa fi danummaa isaa gidduu taphootiin ni jira (cf. baaqqummaaf, lakk. 4,5,14; danuummaaf immoo lakk. 6,8,10,12).
7. Jechi kun haaluma walfakkaatuun waldaa kiristiyaanaaf 1Phex. 5:13 irrattis tajaajileera.

▣ **“warra (whom)”** Kan dinqisiifamuu fi qooda maqaa saalaa kan danummaati. Sababni isaas kan inni jedhameef yookiin “giftii” (lady) kan dubartummaa ibsu yookiin immoo “ijoollee” kan baasawoo (neutral) ta’an ibsu walitti hidhuudhaafi. Toftaa Yohaannis Gaalee fakkoomii (symbolic) kana ibsuuf itti fayyadamedha jedheen yaada.

▣ **“Ani jaaladhu”** Yohaannis haaluma walfakkaatuun jecha “*phileō*” jedhu “*agapaō*” kan jedhuun bakka buusee wangeela isaa fi mul’ata isaa keessatti itti gargaarame. Gauu ergaa isaa keessatti (tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa) jecha “*agapaō*” qofaaf itti fayyadamee ibse (cf. lakk. 3,5,6; 1Yoh. 3:18).

▣ **“dhugaa”** Dhugaan ijoo ergaa yeroo mara irra deddeebi’amee dubbatamudha (cf. lak. 1[al lama] 2,3,4). Gaaleen kun “barsiisa kana” kan lak. 9 [al lama] fi lak. 10 irra jiruun wal fakkaatee “dhugaa/haqa” ibsudha. Jechi kun kan xiyeffamu ta’u danda’a.

Sababni isaas, xalayaa xiqqoo kana keessatti akkuma Yohaannis isa duraa, warri hin amanne naannoo sanaa waa fudhataniifidha (cf. lak. 4,7,10). “Dhugichi” kan jedhu wantoota sadii ibsu danda’a (1) afuura qulqulluu Yohaannis keessaa (cf. 14:17); Yesuus Kiristoos matuma isaa (cf. Yoh. 8:32; 14:6) fi qabiyyee/ergaa wangeelaati (cf. 1Yoh. 3:23). Mata Duree Addaa 6:55 fi 17:3 irra jiru dubbisi.

lak. 2 “Isa nu keessatti hafe” Kunis gocha si’aayina ammaa kan jechoota filatamoo Yohaannis keessatti amantoota ibsuuf tokko ta’e obsuu/turuu jedhu argisiisudha. Mata Duree Addaa 2:10 irraa ilaali. Kunis kan inni ibsu, bakka boqonnaa Afuura Qulqulluu fakkaata (cf. Rom. 8:9; ykn Ilma; Rom. 8:9-10). Namummaa sadan tokkummaa hundi obsuu/keessa turuudha (abide in) (cf. Yoh. 14:23).

▣ **“bara baraan wana nu bira jiraatuuf”** Dhugaan nama keessa bula akkasumas bara baraan amantoota waliin tura. Hima waabdii humna qabeessa akkamiiti mee! Mata duree addaa 1Yoh. 5:13 irra ilaali. Dhugaan nama wangeelaa fi ergaa wangeelaa lachuu ibsa. Dhugaan kunis yeroo mara dhimma jaalalaa keessaa, jaalala Waaqayyoo, jaalala hordoftoota kakuu obbollootaa fi jaalala addunyaa maraaf qabanidha (cf. 1Yoh. 4:7-21).

“bara baraan” kan jedhu immoo ija hogbarruun yoo ilaalle, “umarii guutuu” jechuudha (1Yoh. 4:14; 6:51,58; 8:35,51; 10:28; 11:26; 12:34; 13:8; 14:16; 1Yoh. 2:17). Mata duree addaa “bara baraan Yoh. 6:58” irra jiru ilalai.

lak. 3 “Ayyaanni, Araarri, Nagaan” Seensa gosa xalayaa Giriikii jaarraa 1ffaa keessa nagaa walgaafachuuf bifa lama qabaachaa turedha. 1ffaa, Innis irra keessaan kiristaana adda ba’an agarsiisuuf kan tajaajilu jecha Giriikii Nagaa gaafachuuf “Chairein” bakka bu’udha. Innis “Charis” kan ayyaana jedhuun bakka wal bu’a. Nagaan kun, lubummaa Ergamootaa kan 1Xim. 1:2 fi 2Xim. 1:2 irra jiruun baay’ee wal fakkaata. Jechoota isaanii keessaa lamaan isaanii nagaa Phaawuloos Galaatiyaa fi Tasaloonqee isa duraaf erge keessatti deddeebi’anii tajaajilaniiru.

Lammaffaan, ijarsa seeruluga sirraawwaan immo kadhata ykn hawwiin nageenyaaf godhamudha. Haa ta’u malee ergaan Yohaannis inni lammaffaan him dhugaa, waldaa Waaqayyoo waliin galuuf humna Waaqummaa isaa dursisiisanidha.

Gama tiyoolojiitiin kan ajaa’ibsiifamu, yoo miirri abboommi iykn hariiroon jechoota kanneen gidduuti. Ayyaannii fi Araarri lachuu amala Waaqayyoo calaqqisiisu. Kunis dhala namaa kufeeff kan fayyina walabaa fudhatamu argisiisa. Amantoonni jijjiirama guutuu barbaadu. Akkuma kufatiin amala jireenya dhala namaa miidhe, fayyinni immoo deebisee kan dhaabudha. Jalqaba bakkuma jiranitti (dhugaa karaa amantiitiin), ittifufees jijjiirama ariifachiisaa, akka ilaalcha addunyaatti afuura isaanii haaromsuudha, kunis bu’aa Kiristoos keessatti guddachuu fida. Fakkaattummaa Waaqayyoo ykn bifa Waaqayyoo qabaachuun sun dhala namaa keessatti deebi’ee haaromuudha (cf. Uma. 1:26-27)!

Filannoo biraa ta’uu kan danda’u immoo, barbaachisummaa jechoonni kunneen sadan ibsa barsiisota sobduu keessatti qabaniin waan qabatee, waa’ee Ayyaanaa fi araaraa wana kamiifuu gaaffii kaasuu, garuu Nageenyaaf kaasuu dhisuu isaanii ibsa. Akkasumas barreeffamoota Yohaannis hunda keessatti Araaraaf 9mercy) qofa tajaajiluu isaa hubachuuf qabxii barbaachisaadha. Ayyaanni (Grace) kan tajaajile as keessaafi wangeela keessaa 1:14,16,17 fi mul’ata keessatti (cf. 1:4; 22:21) irratti qofa.

Yaadni wangeela irratti “Jerome” kenne kan inni ibsu dhugaa jechoonni sadan kunneen, Kakuu Moofaakeessatti hariiroo qabaachuu isaanii ibsudha. (p. 412). Barreessitoonni Kakuu Haaraas (Luqaasiin alatti) Ibroota ta’anii warra Afaan Giriikii koyineen (coine) barreessanidha. Irri caalli, hiikaa jechoota Kakuu Haaraajalqaba kan beektota torbaatamman (septuagints) kennamanidha.

▣ **“Waaqayyoo Abbaa fi Yesuus Kiristoos biraa”** Lachanuu maqooliin kunneen jecha (para) jedhamee beekamuufii bakka tokko isaan kaa’u ni qabu. Kun haala teessuma seer-lugaatiin Waaqayyummaa Yesuus Kiristoosiin kan ibsuudha.

▣ **“Ilma abaa”** Ergaa Yohaannis isa duraa kana keessatti xiyyeeffannaa guddaa kan qabu, namni ilma hin qabaannee abbaas hin qabu kan jedhuudha (1Yoh. 2:23; 4:15; 5:10). Barsiisoonnii warreen sobduun walitti dhufeenya gaarii Waaqayyoo waliin akka qabanu ni dubbatu, garuu barumsa jaraa keessatti eenyummaa fi hojii ilmaa ni salphiisu. Yohaannis yeroo hedduu irra deddeebi’ee Yesuus (1) Waaqayyoo abbaa guutummaa guutuutti agarsiisee fi (2) karaa isa qofaa gara abbaatti geessu akka ta’e ni ibsa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): Lakkoofsa 4-6

⁴Ijoollee kee keessaa kana akkuma nuyi abbaa biraa abboomamnetti dhugicha duukaa utuu bu’anii argachuun baay’ee na gammachise. ⁵Yaa haadha warraa! Abboomii haaraa siif caafuuf miti, garuu nuyi walii keenya akka jaalannu, abboomii isa durii durii jalqabnee qabna turre sana sin yaadachiisa malee. ⁶Jaalala jechuun, akka abboomii Waaqayyootti jiraachuudha; akkamitti akka jiraattaniif, abboomii jalqabaa jalqabdani dhageessan isa kana.

Lak. 4 “baayeen gammade” Kunis AGARSIISA MIIRSO AL SI’AAYINAA (AORISTO PASSIVE INDICATIVE) dha. Haala danda’ameen maanguddoonnis waa’ee waldaa kanaa miseensota achii dhufan irra ani dhaga’u ture.

▣ **“ijoollee kee keessaa kaan dhugaadhaan deemuu isaanii”**

1. amantiin jiraachuu, namni tokko waldaa kiristiyaanaa keessa jiraachuu isaaf jaalala jiru ibsa.
2. karaa ittiin nama cimtee waldaa keessa ture ittiin galatoomfatanidha.

▣ **“akkuma nuti abbaa biraa abboomamnetti”** Kunis AGARSIISA MIIRSOO (AORIST) SI’AAYINAA kan abboomii waljaalachuuf kenname ibsudha. Akkuma Iyyaasuus isaan jaalatetti (cf. Yoh. 13:34-35; 15:22; 1Yoh. 3:11; 4:7,11-12,21).

lak. 5 “isa dur durii jalqabnee qabnu” Kunis AGARSIISTUU AL SIRRII SI’AAYINAA (IMPERFECT ACTIVE ENDICATIVE) kan barsiisa jalqabaa Iyya Suus barsiise sana ibsudha (cf. 1Yoh. 2:7,24; 3:11) Qabiyyeen abboomii kanaas kan irra deddeebi’uun “walii walii keessan jaaladhaa” jedhu (cf. lak. 5) fi Yesuus foon uffatee dhufuu isaaf galateeffadhu (lak 7) jedhu ibsa. Hubadhu, kan inni hammaatus, namummaa dhuunfaa fi bifa/haala jireenyaati.

▣ **“Nuyi walii keenya akka jaalannu”** Kunis GOCHA DHUUNFAA SI’AAYINA AMMEE (akkuma jedha dhuma sarara kanaa, deemuu)ti. Innis amala wal halageessuuti waljibbuu hambisuuf kan jedhamedha. Kunis yaalii sadan Yohaannis kiristaana ta’uu ofii ittiin kan beekkaniif kaa’edha. Kitaaba Yohaannis kan duraa keessatti yaaliin sadan: jaalala, haala jireenya, fi seera ittiin bulmaataati.

1. jaalala (love) (cf. lak. 5; 1Yoh. 2:7-11; 3:11-12,16-21; 5:1-2)
2. abboomamuu (cf. v. 6 1Yoh. 2:3-6; 3:1-10; 5:2-3)
3. haala ittiin bulmaata (cf. lak. 7; 1Yoh. 1:11; 2:18-25; 4:1-6, 14-16; 5:1,5,10)

lak 6 “jaalalli kana” Jaalala (*agapē*) jechuun gocha itti fufinsa qabu malee kan tasa namatti dhaga’amee darbu miti. Jaalalli “Mallattoooha” mallattoo dhugaa amantootaa (cf. 1Qor. 13, Gal. 5:22; 1Yoh. 4:7-21).

▣ **“jalqabaa jalqabee”** Yaadannoo 1Yoh. 1:1 irra jiru ilaali. Gaaleen kun 1Yoh. Fi 2Yoh. Irratti tajaajileera. Kunis akka jalqaba hojiin Iyyaasuus beekkameetti.

▣ **“Itti qabamaa jiraadhaa”** Kiristaanummaan seera jalqabaa fi jijjiirama haala jireenyaati (cf. 1Yoh. 2:6). Haalli jireenya keenya nu hin fayyisu, garuu fayyuu keenya adda baasee nutty ibsa. (cf. Efe. 2:8-9, fi 2:10).

Lakk. 7 “Warri nama wallaalchisan baay’een” Jechi “Wallaalchiftoota” jedhu jecha Giriik “*planē*” jedhu irraa

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:7-11

⁷Warri nama wallaalchisan, Yesuus Kiristoos fooniin dhufuu isaa amananii warri hin beeksifne, baay’ee gara biyya lafaatti ba’aniiru; Inni nama wallaalchisu, inni Kiristoosiin mormus isa akkasitti. ⁸Of eeggadhaa! Miindaa guutuu akka argattaniif, kanaa achi inni itti dadhabdan hundinuu isin duraa ni bada. ⁹Namni barsiisa Kiristoositti qabamuu dhiisee, kana irra darbee barsiisu. ¹⁰Waaqayyoon of biraa hin qabu. Inni barsiisichatti qabamee jiraatu, Abbaa, ilmas of biraa qaba. Namni barsiisa kana hin fudhanne, isin barsiisuuf yoo dhufe garuu mana keessanitti isa hin simatiinaa! Nagaa iyyuu isa hin gaafatinaa. Namni naga ais agaafatu, hojii isaa isa hamaatti hirmaachuu isaati.

argamedha. Addunyaa durii keessatti sochiin qaamoota Hawwaa kaartaa irratti ba’ee qoratamaas ture, urjiileen bakka mijaataa taa’anii (i.e. pilaaneetonni), haala sirnaawaa socho’aa turan. Namoonni duriis “Ajaa’ibsiifamtoota (wanderers) jedhamanii waamaa turan. Kunis, bakka wal bu’uudhaan kan yeroo ammaa “dhugaadhaan” dinqisiifamanitti guddate.

Barsiisonni sobduun kunneen, ifumaan ifatti, miirri sobummaa ykn dogoggoraa kan irraa beekamu miti. Barreeffamoo Yohaannis keessattillee Faaristootniifi Barsiisonni sobduun dhugaa barsiifameeti fudhatan sanaan mormaa turan. Kunis falmii isaanii “cubbuu dhiifama hin qabne” amaleeffatanidha. Kunis “cubbuu du’atti geessuu” dha. (yaadannoo 1Yoh. 5:16 irra jiru dubbisi). Gochi suukaneessaan isaan hordoftoota diiguuf godhanis sababa kanaati. Kakuu Haaraan ifumaan ifatti barsiisota sobduu kana ibsee/saaxilee akka isaan ijaaranii fi rakkoo cimaa fidan ibseera (cf. Mat. 7:15; 24:11,24; Mar. 13:22; 1Yoh. 2:26; 3:7; 4:1).

▣ **“gara biyya lafaatti ba’aniiru”** As keessatti biyyi lafaa salphaadhumatti pilaaneetii mul’attu kanadha. Barsiisonni sobduun kunneenis waldaa kiristiyaanaa dhiisuun (1Yoh. 2:19). Yookiin immoo Abbaltii Ergamummaa fudhatanii ba’uu isaanii ibsa (cf. IIYoh.).

▣ **“warri hin amanne”** Kunis jecha *Homologeō* jedhu kan hojii beekkamaa fi amantiin suukanaa’uu waa’ee Iyyaasuusiif qaban ibsudha. Mata duree addaa cunfesscon/suukanaa’uu Yoh. 9:22-23 jiru dubbisi.

▣ **“Yesuus Kiristoos akka fooniin dhufu”** Barsiisonni sobduun kunneen itti fufanii namummaa Kiristoos kana ni barsiisu. Sararri ykn lukkiisiin kun “Afuura Qoruudhaaf” hubannoo irra deddeebi’ee ni kenna; 1Yoh. 4:1-6; keessattuu Iyyaasuus guutumatti namadha kan jedhuun walqabatee (cf. Yoh. 1:14; 1Xim. 3:16) “Gnosticism” Afuuraa fi wantoo (matter) gidduu lamummaan akka jiru cimsee ni ibse. Isaaniif, Iyyaasuus guutumatti Waaqa ta’uu hin danda’u “Gnosticisms” yaada madda tiyoolojii ta’e yoo xiqqaate lama qabu.

1. Namummaa Iyyaasuus ganuu (docetic), warra fakkaatee mul’ate lama qabu

2. Yesuus fannoo irratti du’uusaa (Docetic), warra fakkaatee mul’ate malee Afuura jedhu.

“Kiristoos Afuurri” nama “Yesuus” jedhamu irratti yeroo cuuphaa isaa dhufe erga inni fannoorratti du’ee immoo is ahdisee irraa ka’ee deeme jedhu.

Kennaan ammee “fooniin dhufaa jira” jedhu karaa Yohaannis ittiin barsiisota kana (Gnosticisms cerinthians) mormuu fi 1Yoh. 4:1-6 irra kan jiru seera “Gnosticism” kan mormudha.

▣ **“isa nama wallaalchisu; isa Kiristoosiin mormu”** 1Yoh. 2:18 keessatti addaa addummaan danuummaa “mormitoota Kiristoos” fi “Kiristoosiin kan mormu” ykn “mormituu Kiristoos” gidduu ni jira. Danooma inni argisiisu bara Yohaannis keessa dhufe. Yeroo isaan waadaa kiristaanaa dhiisan. (cf. 1Yoh. 2:19). Garuu inni baaqqee argisiisu kan inni kaayyeffame gara fuulduraafidha “Nama seeraan Alaa” 1Tas. 2 irraa ilaali. Ta’uuyuu waraabii kana keessatti Akkuma danummaa 1Yoh. 2:18-25 irra jiru baaqee isaas tajaajileera. Lakk 8 “of eeggadhaa!” MADAALLII SI’AAYINA AMMEETI. Kunis jecha “ilaali” (blepō) jedhu kan Afuura hammeenya mormuu bakka bu’ee tajaajiludha. (cf. Mat 24:4; Mar. 13:5; Luq. 21:8; HoE 13:40; 1Qor. 8:9; 10:12; Gal. 5:12; Ibr. 12:25). Amantoonni dogoggora sirreessuuf itti gaafatamummaa qabu. Sababni isaas:-

1. Wangeela waan beekaniif,

2. Afuura qulqulluu waan qabaniif
3. Tokkummaa itti fufinsa qabu Kiristoos waliin waan qabaniif



NASB “isa nuti raawwanne sana isinis hin gatiinaa”
NKJV “isa isiniif hojjenne sana nuti hin dagannu”
NRSV “kanaafuu isaanuti hojjenne kana isinis hin dagatiinaa”
TEV “kanaafuu Isa nuti hojjenne kana isinis hin dagatiinaa”
NJB “yookiin kan nuti hojjenne hunduu ni bada”

Garaagarummaa barreeffamoota Giriik waraabii kana keessatti argamu qooda maqaa jalqabaan wal qabatee ati/isin jedhu (NASB, NRSV, TEV) fi ykn “we”/nuti jedhu (NKJV)? Dha. Barreeffamni UBS4 kan inni deeggaru “you”/ati/isin kan hiika “Amantoota” jedhu qabu yoo ta’u kaayyoo wangeelaa kan ergamootaan dhuaa ba’ame akka raawwatuuf warra hin raawwanetti dubbatamedha.

▣ **“garuu miindaa guutuu akka argataniif”** Kunis Miirsoo dhuunfaa’ummaa (AORIST SUBJUNCTIVE) kan wangeela fudhachaa irraa argamu agarsiisudha. Dhuunfaa’ummaan (subjunctive’s contingency) fayyuu isanaiin wal hin qabatu; garuu, Bilchinaa fi babal’achuun wangeelaa karaa isaanii ta’uu isaa walqabata (cf. 1Qor. 9:27; 15:10,14,58; 2Qor. 6:1; Gal. 2:2; Fil. 2:16; 1Tas. 2:1; 3:5).

Lakk 9

NASB “namni kana irra darbee fi inni barsiisa Kiristoositti hin qabamne”
NKJV “namni kamiyyuu kanaan ala ba’ee fi inni barsiise Kiristoositti hin qabamne”
NRJV “eenyumtuu kan barsiisa Kiristoositti hin qabamne”
TEV “eenyuyyuu kan barsiisa Kiristoos keessa hin turree fi kan isaan ala ba’u”
NJB “namni kamiyyuu yoo barsiisa Kiristoos keessatti hin jiraanne, Isaan ala deema”

Jalqaba jechi “pas” jedhu waawummaaf (negatively) tajaajile hubadhu. Affeerraan wangeela “Hundaafi” garuu carraadhumaan dhaaltummaa ta’e. Dhaaltummaan kunis amala lama DALAGA SI’AAYINA AMMEE kan argisiisu ta’e “Irra darbee deemuu” fi “Ittiin jiraachuu dhabuu” kan jedhu amaleeffata. Kan jalqaba “Irra Darbee deemuu” jedhu jecha barsiisota sobduu agarsiisu ta’ee kan isaan dhugaa tokko kan ragaan/dhugaa baatotaan kenname ala ba’anii barsiisa ibsudha.

Amantoonni amala dhugaa keessa dhokachuu ykn dhugaa jiraachuu qabu (cf. Yoh. 8:31; 15:7; 1Yoh. 2:14; waawamaan isaaf Yoh. 5:38; 1Yoh. 1:10). Mata duree addaa Perseverence jedhu Yoh. 8:31 fi Ergamummaa (Apotasy) jedhu Yoh. 6:64 irraa ilaali.

Gaaleen “Kiristoos” jedhu kan inni ibsu.

1. Barsiisa Kiristoos
2. Barsiisa waa’ee Kiristoos
3. Hiika waliigalaa Yohaannis Dachaana kaa’adha

Warri hin amanne hedduu fi warra Ifa hin taanedha. Haala qofatu murteessuu danda’a hiika yaadameef, as keessatti garuu, lachuu wal irra dhufu.

▣ **“Waaqayyoon of biraa hin qabu”** Barsiisa Kiristoosii fi “dhugaa” lakk 2 irraa tokkodha. Barsiisonni sobduu fi hordoftoonni isaanii gatii gaarii hin qabani ykn mindaa Waaqayyoo irraa hin qabani (cf. lakk. 8). Isaanis gama afuuraa kan hirraanfatananii fi warra Waaqayyoo waliin hin jirreedha. Sababni isaas Abbaa Qabaachuuf namni tokko Ilmas qabaachuu qaba (cf. 1Yoh. 5:10-12). Tajaajilli gochima “qabachuu” jedhuu (nuoma, agarsiistuu si’aayina Ammee) Waaqayyoo waliin wal qabatu as keessatti fi 1Yoh. 2:23 irratti qofa.

Lakk. 10 “yoo/if” kunis hima haalawaa sadarkaa duraa (first class conditional sentence) ta’ee kan dhugaa ta’uun isaa gama barreessaan ykn kaayyoo hogbarruu isaan tilmaamamudha. Barsiisonni sobduun dhufuuf jiru!

▣ **“mana keessanitti isa hin keessummeessiinaa”** Madaalli si’aayina ammee kan yeroo mara gocha dalagamu tokko dhaabuu argiisudha. (Haalli isaa murtaa’uu qaba) “mana” kan inni ibsu keessumummaa ilaalcha kiristiaanootaati (cf. Mat. 25:35; Rom. 12:13; 1Xim. 8:2; Titus 1:8; Ibr. 13:2; 1Phex. 4:9; ykn 3Yoh. 5-6). Garuu haala isaan yoo ilaalle kan inni ibsu. Ergamoota olii gad deeman gara mana amantootaatti affeeruu dhiisuudha. (Rom. 16:5; 1Qor. 16:19; Qol. 4:15; Fil. 2).

☐ **“nagaas is ahin gaafatinaa”** Kunis madaalchisa si’aayina ammee kan birooti. Adda of hin baasiin “kiristaana ta’uu kee” kana wajjin. Qajeelfamni kamiyyuu kan duuka buutummaa kan mirkanaa’e waliin yoo ilaalamu hubannoo kan dhabes ni jira (cf. lak 11). Himni kun har’a hojiiira oolchuuf kan baay’ee ulfaatudha. Kanaaf namoota hedduutu kiristaana ta’uuf lbsama. Kanaaf Isaan waliin yaada wal jijjiiruuf tokkummaa uumuu fi waliin dubbii cimsuu qabna. Hanga ammaattuu, geggeessitoonni kiristiyaanaa gartuun adda walqooduu irratti xiyyeeffatanii ilaalcha itti kennuu qabu. Kunis kiristaanummaa ofii gatuuf kan ta’u miti.

Lakk. 12 “kanan isiniif caafu illee waan baay’ee qaba” Kunis xumura 3Yoh. 13-14tiin wal fakkaata.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 1:12-13

¹²Kanan isiniif caafu illee waan baay’ee qaba garuu gammachuun keenya guutuu akka ta’uuf, qalamiidhaan waraqata irratti caafuu hin barbaanne, Ani dhufee waa arginee afaaniin isin wajjin haasa’uu nan abdadha. ¹³Ijoollee obboleettii kee ishee fo’atamtee nagaas siif dhaamu.

☐ **“gammachuun keessan guutuu akka ta’uuf”** Kunis Alsi’aayina sirrii madaalchisa waantooti PERFECT PASSIVE SUBJUNCTIVE PERIPHRASTIC) kan kaayyoo agarsiisudha. Innis ergaa waliigalaa kan Yohaannis keessatti (cf. Yoh. 3:29; 15:11; 16:24; 17:13; 1Yoh. 1:4). Gammachuun kuni kan inni hundaa’u:-

1. Jiraachuu barsiisichaa
2. Beekuma dhugaa inni itti kenne.

Yohaannis gammachuu isaa lakk 4 irratti ibse deensa itti fufaa kan jaalalaa fi abboomamuutiinidha.

Lakk 13 luqisiin kun, akkuma lakk. 1 Afaan bakka wal bu’utti fayyadamee obboleewwan waldaa kiristiyaanaa miseensoota ishee dubbata.

GAAFFIILEE MARI

Kun qajeelfama yaada qorannoof,kan Macaafa Qulqulluu ofii keef hiikkachuu keessatti itti gaafatamummaa qabd jedhuudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebi’uu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluu fi Afuurri Qulqulluun hojii hiikaa kana keessatti warra jalqabaati. Warra yaada kennitootaaf jettees kana dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunis, akka ati kutaa wangeelaa kana keessatti yaadduufi dhimma ijoo isaa hubattuuf kan siif dhiyaatedha. Innis, dhugaa isaa yaaduuf malee, murteessuuf miti.

1. Yaalii/qorannoowwan sadan 1Yoh. Keessa 2Yoh. Keessatti irra deebi’aman tarreessi.
 - a.
 - b.
 - c.
2. Kun xalayaa dubartiif barreeffame moo kan waldaa kiristaanaatii?
3. Xalayaa gabaabduu kana irraa, mormitoonni gurmuu amantootaa keessa akka jiran akkamitti hubatta?
4. Lakk 7 irratti mormituu Kiristoos kan ta’e eenyu? Ykn maali?
5. Lakkoofsonni 10 fi 11 Kakuu Haaraakan keessummaa simachuu fi diina keenyallee yoo ta’e jaalachuu jedhuuf faallaa ta’uu danda’aa?

III YOHAANNIS

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS ⁴	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Ittiin Lixa	Ganyosiif raga dhaamuu isaa		Seensa	Teessoo fi dhaamsa nagaa
Lak. 1	Lak. 1-4	Lak. 1	Lak. 1a Lak. 1b	Lak. 1-4
Lak. 2-4		Lak. 2-4	Lak. 2-4	
Wal simachuu fi mormii	Garramummaa isaani jajamuu isaa		Ganyos jajamuu isaa	
Lak. 5-8	Lak. 5-8	Lak.5-8	Lak. 5-8	Lak. 5-8
	Diyotreefes fi Dymeexros		Diyotreefes fi Demeexros	Diyotreecfesiin akkeessuu irraa of eeggachiisuu isaa
Lak. 9-10	Lak. 9-12	Lak.9-10	Lak. 9-10	Lak. 9-11
Lak. 11-12		Lak.11-12	Lak. 11 Lak. 12	Jajamuu Demeexros Lakk. 12
Ittiin raawwata	Dhuma irratti naga itti dhaamuu isaa		Dhuma irratti nagaa itti dhaamuu isaa	
Lak. 13-15	Lak. 13-15		Lak. 13-14 Lak. 15a Lak.15b	Lak. 13-14

DUBBISA MARSAA DURAA (Fuula V. ilaali)

Kun ibsa qo'annaa macaafa qulqulluuf nama gargaaru dha, kana jechuunis ati macaafa qulqulluu akka siif ifetti hubachuudhaaf itti gaafatamummaa qabda. Tokkoon tokkoon keenya akka ifetti adeemuu qabna. Hiikaa laachuu keessatti ati, macaafni qulqulluu fi Afuurri Qulqulluun qooda isa jalqabaa qabdu. Kana yaada nama biraatiif dhiisuun si irra hin jiru.

Kitaabichaa ala tokkotti dubbisi yaada ijoo kitaabichaa jecha mataa keetiin ibsi.

1. Yaada ijoo kitaabichaa guutummaatti
2. Gosa barreeffamichaa

DUBBISA MARSAA DURAA (Fuula V. ilaali)

Kun ibsa qo'annaa macaafa qulqulluuf nama gargaaru dha, kana jechuunis ati macaafa qulqulluu akka siif ifetti hubachuudhaaf itti gaafatamummaa qabda. Tokkoon tokkoon keenya akka ifetti adeemuu qabna. Hiikaa laachuu keessatti ati, macaafni qulqulluu fi Afuurri Qulqulluun qooda isa jalqabaa qabdu. Kana yaada nama biraatiif dhiisuun si irra hin jiru.

Gulummoowwan ijoo ta’an tarreessi tokkoo tokkoo isaanii hima tokko tokkoon ibsi.

1. Gulummoo barreffama kutaa jalqabaa
2. Gulummoo barreffama kutaa lammaffaa
3. Gulummoo barreffama Sadaffaa
4. Gulummoo barreffama Arfaffa
5. Kkf.

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)
SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun galeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf.

HIIKA GALUMSA ERGAA YOHAANNIS III

SEENSA

- A. Xalayaa gabaabduun kun ergaa Yohaannis isa sadaffaa jedhamee beekama, kunis ergaa Yohaannis isa lammaffaa irra hanga tokko gabaabaadha. Akka ani yaadutti ergaan yohaannis inni lammaffaa fi sadaffaan kun ergaa wal fakkaataa kan qabani fii naannoo dhuma jaarraa tokkoffaa keessa waldaa bulchiinsa warra Roomaa Asiyaa xinnittii jedhamu keessa turteef barreeffaman.
- B. Ergaan Yohaannis inni lammaffaan rakkoo warri iddoodhaa iddootti socho’anii lallaban qabani wajjin wal qabata, inni sadaffaan immoo akka Kiristiyaanota warra iddoodhaa iddootti socho’anii lallaban gargaaran gorsuu wajjin wal qabata.
- C. Ergaa Yohaannis III keessatti namoonni sadii adumatti maqaa dha’amaniiru.
 1. Gaayos (nama waaqayyoo waldaa barreeffameef sana keesa ture)
 - a. Kutaa macaafa qulqulluu gara biraa keessatti namoota Gaayos jedhaman sadiitu caqasee jira. Gaayos isa Maqedoniya, HE 19:29; Gaayos isa Darbe HE 20:4; Gaayos isa Qoranroos, Rom. 16:23; IQor. 1:14
 - b. Barreeffamoonni “Apostolic Constitutions” jedhaman Gaayos isa III Yohaannis keessatti caqafame Phaaphaasii Pergamon is Yohaanniisiin muudameetti kaa’u.
 2. Diyotreefes (nama waldaa sana keessatti rakkina uumaa ture isa nama Waaqayyoo hin ta’in)

- a. Kakuu haaraa keessatti namni kun as duwwaatti caqafame. Maqaan isaa maqaa baay'ee hin baramne kan hiikni isaa “isa Zevisiin gargaaramu” ta’e dha. Namichi kun “zeus” isa warra wangeela lallaban irratti ka’utti moggaafamuun isa akkam nama ajaa’ibsiisa.
 - b. Lak. 9-10 keessatti ilaalchi isaa mormameera.
3. Demeexros (isa waldatiitti xalayaa Yohaannis kana geese).
- a. Inni warra deemanii wangeela lallaban keessaa nama tokko kan turee fi isa xalayicha ergamaa Yohaannis isa Efesoon ture irraa fuudhee gara waldatiitti geessedha.
 - b. Barreeffamni “The Apostolic Constitutions” jedhamu Dimeesrosiin akka phaaphaasii Filaadelfiyaa isa ergamaa Yohaannisiin muudameetti ibsa.

D. Waldaan durii warra adeemanii wangeela lallaban/barsiisan qortee ilaaltee gargaaruudhaaf rakkachaa turte. Barreeffamni durii kutaa macaafota qulqulluu hin taane, kan jaarraa lammaffaa gara jalqabaa keessa “The Didache or The Teaching of the Twelve Apostles” jedhamu qajeelfamoota armaan gadi qaba.

BOQONNAA XI- BARSIIISOTA, ERGAMOOTAA FI RAAJOTAAN KAN WAL QABATAU.

“Nama wantoota kana dura jedhaman dhufee isin barsiisu simadhaa. Garuu barsiisichi barsiisa amantii biraa kanaan mormu isin barsiisuu yoo barbaade, isa hin dhaga’inaa garuu qajeelummaa fi beekumsa isin waa’ee gooftaaf qabda isaaniif guddisuuf isin barsiisa yoo ta’e akkuma qooftaa simatanitti isa simadhaa. Garuu ergamootaa fi raajotaan wal qabatee qajeelfama wangeelaa irratti hundaa’an: Ergamaan gara keessan dhufu hundumtuu haa simatamu. Garuu guyyaa tokko caalaa hin turiin; garuu guyyaa sadii yoo ture, inni raajii sobduudha. Ergamichi yeroo deemu buddeena duwaa haa fudhatu; yoo qarshii gafate garuu inni raajii sobduudha” (fuula 380)

BOQONNAA XII- SIMANNAA KRISTIYAANOTAA

“Garuu nama maqaa Afuura qulqulluun qarshii yookiis unkaan biraa isin gaafatu hin dhaga’inaa; garuu namoota rakkatan kan biraaf isin gaafate garuu eenyu illee isatti hin murteessin.

Garuu namni maqaa gooftaan dhufu hundumtuu haa simatamu isa booddees qortanii isa ilaaluu qabdu; sababni isaa isin bitaa fi mirga isaa dhufe kara deemaadha yoo ta’e, amma dandeessan gargaaraa; garuu isinii wajjin turuu hin qabu; yoo dirqama ta’e qofa guyyaa lamaa hanga sadii haa turu. Garuu isinii wajjin turuu yoo barbaadee fi yoo nama hojii harkaa hojjetu yoo ta’e hojjetee haa nyaatu; ogummaa qabaachuu dhiisuu isaa yoo hubatan cal jedhee isinii wajjin jiraachuu hin qabu. Garuu inni hojjechuus hin barbaadu yoo ta’e, inni nama Kiristoosiin gurgurudha. Kan akkasii irra fagaadhaa” (fuula 381)

QO’ANNA JECHAA FI GAALEE

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): LAK. 1

¹“Maanguddicha” kun jecha “Pastor” ykn “phaaphaasii jedhuu wajjin hiika wal fakkaataa qaba. (cf. Titoo 1:5,7; HE.20:17,28). Ibsa guutuu IYoh. Lak. 1 irraa ilaali.

Lakk. 1 “Jaarsiicha” jechi jaarsa jedhu kun “paastarii” ykn “tikee” waliin hiika walfakkaataa kan qabuudha. (Tit. 1:5, 7, HoE 20:17, 28). Akkasumas yaadannoo Ergaa Yohaannis II irra lakk. Tokko irra jiru ilaali

▣ **“Jaallatamaa”** kun amala xalayoota Yohaannisidha. (cf. I Yoh. 2:7;3:2.21:4:1:7; IYoh. 1,2,5,11). Garuu wangeela keessatti yokiin mul’ata keessatti (isa Yohaannis Caafe) amantoonni ittiin hin caqafamne.

▣ **“Gaayos”** Paastariin waldaa kanaa Gaayos yookiis Demeexros ta’uun isaa irratti marii baay’eetu ture. Odeeffannoo muraasa kana irraa ka’anii yaada waliigalaa lafa kaa’uun rakkisaadha. Lakkoofsa 9 irraa ka’udhaan Demeexros geggeessaa waldaa tokko, Gaayos immoo geggeessaa waldaa naannoo sana jiru kan biraa ti jechuun ni danda’ama, garuu kun guutummaan guutuutti tilmaama.

▣ **“Isa ani dhugaadhaan jaalladhu”** Xalayoota Yohaannis keessatti “dhugaa fi jaalalli” yeroo baay’ee waliin wajjin argamu (cf. IYoh. 1,2,3,4; IYoh. 1,3,4,8,12). Dhugaan

1. Afuura Qulqulluu (cf. Yoh. 14:17)
2. Yesuus ilma waaqayyoo (cf. Yoh. 8:32; 14:6)

3. Qabiye wangeelaa (cf. IYoh. 2:2:3:23) agarsiisuu danda'a.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA):): Lakk. 2-4

² Yaa michuu ko! Akkuma karaa lubbuu sitti tole, karaa hundumaan akka sitti tolu, akka ati fayyaa taatus nan kadhada. ³Obbollooni tokko dhufanii dhugaa itti qabamte akka jirtaattu, dhugaadhaaf amanamuu kee mul'isanii yommuu dubbatan, guddaan gammade. ⁴Ijoolleen koo dhugaatti qabamanii jiraachuu isaanii dhaga'uun gammachuu kooti; gammachuu kana irra caalus hin qabu.

Lakk. 2 “nan kadhada” kan adeemsa ittiin xalayaan afaan Giriikii jalqamu agarsiisa. Kun kadhannaa fiixaan ba'umsaa fi fayyummaa nama barreeffamuutiitiif kadhatamudha. Kun karaa ittiin nama jaallatan nagaa gaatan ture. Kun barsiisa “Wangeela fayyummaa fi badhaadhinaa” jedhamee har'a biyya Ameerikaa keessatti bal'inaan mul'atu yaada deggeru miti. kitaaba Gordon Fee (beekaa macaafa qulqulluu). “*The Disense of the Health, wealth Gosple*” jedhamu ilaalil. Ilaalcha ani fayyisuu irratti qabu hubachuuf ibsa koo Yaa'iqoob 5 irratti hundaa'e toora intarneeitii WWW.Frecbible.com commentary.org irraa ilaali.

▣ **“Karaa hundumaa akka sitti tolu, akka ati fayyaa taatus”** kun kadhannaa beekamaa jaarraa tokkoffaa bara Giriiko-Roomaa keessa xalayaan ittiin banamu ture. Kunis barreeffama barsiisa warra “fayyaa, qabeenyaa, fi milkaa'ina” lallabanii deeggaru ta'uu hin danda'u.

Barreeffamni macaafa qulqulluu yaada isa dhugaa irraa jal'ifamee yaada sobaa baay'ee degaruuf ooluu danda'a. Barreeffamichi bara barreeffame keessa waan jedhamee hin beekne har'a jechuu hin danda'u. Abbaan yaadichaa barressicha isa jalqabaaduwwaadha. Nu'is yaada keenya utuu itti hin makiin yaada isaa qofa hordofuu qabna!

▣ **“Lubbuu”** Jechi lubbuu jedhu (psuche) kan jecha “pncuma” jedhuu wajjin hiika wal fakkaataa qaba. Keessa eenyumma namaa agarsiisu. Kun kutaa namaa adda ba'e hin agarsiisu (qaama foon, lubbu, Afuura). Namni tokkummaa kana sadaniiti (cf. Uma. 2:7). Nu'I lubbuudha; malee lubbuu hin qabnu.

Lakk. 3 “guddaan gammade” (cf. IYoh. 4; Fil. 4:10)

▣ **“Yommuu dubbatan”** kun kan agarsiisu:-

1. Miseensota waldaa kanaa yeroo hundumaa Efesoon dhaqanii Yohaannisiif gabaasan
2. Warra ergamaa yeroo deebi'an amanamummaa Gaayos dubbatan.

Yohaannis waan dulloomeef salphaatti adeemuu hin danda'u ture, garuu haalaa fi guddina waldota dhaga'uu jaallata ture ta'uu danda'a.

▣ **“dhugaatti qabamtee akka jiraattu”** Gaaleen kun akka barumsa macaafa qulqulluutti” ifa keessa deemuu” gaalee jedhuu wajjin wal fakkaata (cf. IYoh. 1:7) Kiristiyaanummaan sadarkaa duraatti walitti qabama seerota amantii sirna tokko, yookiis dhaabbata tokkoo itti galmamu utuu hin ta'iin jireenya Yesuus kiristoositti qabamanii jiraatanidha. Waldaan durii jalqabatti “Karicha” jedhamti ture (cf. HE. 9:2, 19,9, 23;24:22). Dhugaan sadarkaa yaadaatti duwwaa utuu hin ta'in hariiroodhasi (jalqaba waaqayyoo wajjin karaa kiristos hariiroo qabaachuu, kunis waliif jaalala qabaachuu fida). Mata duree adda 6:55 fi 17:3 irra ilaali.

Lakk. 4 “Ijoolleen koo” kun xalayoota Yohaannis keessati beekamaadha. (cf. IYoh. 2:12, 13, 18, 28; 3:7, 18; 4:4; 5:21). Asitti dhimmi irratti xiyyeeffatame (1) Aboo ergamummaa Yohaannis ykn (2) Dubbii Yohaannis jaalala waldootaa fi kiristiyaanota kutaa bulchiinsa warra Roomaa Asiyaa xinnitti (Lixa Turkii) idoo itti bara dhumaa tajaajila isaa keessa itti dabarseef qabu agarsiisuuf dubbate.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA): Lakk. 5-8

⁵Yaa michuu ko! Waan obbollootaa, caalaadhumaatti immoo keessumootaaf gootu amanamummaadhaan in hojjetta. ⁶Obbollooni keessumummaaf dhufan waa'ee jaalala kee waldaa kiristiyaanaa duratti mul'isanii dubbataniiru; Waaqayyo duratti qajeelaa akka ta'utti karaadhaaf waan isaan barbaachisu laatee fii, yoo isaan geggeessite gaarii hojjechuu keeti. ⁷Isaan maqaa kiristoosiin barsiisuudhaaf ba'aniiru; warra amantoota hin ta'in irraas homaa hin fudhatan. ⁸Nuyi dubbii dhugaa kana kessatti hidhata isaanii ta'uudhaaf namoota akkasii kana simannee gar-gaaruu nuuf in ta'a.

Lakk. 5 “amanamummaadhaan in hojjetta” Hojii Gaayos kun guutummaan guutuutti faallaa hojii Diyotreetes lak. 9-10 keessatti caqafameeti. Mata duree akkaa Yoh. 1:7 fi Yoh. 1:7 fi Yoh:1:14 irraa ilaali.

▣ **“Waan ... gootu”** kun gocha raawwataa jiru agarsiisa. Gaayos warra ergamaaf adeeman yeroo hundumaa waan danda’u hundumaan gargaaraa ture.

▣ **“Caalaadhumatti immoo keessummootaaf”** Waldaan kiristiyaanaa kiristiyaanota iddoodhaa iddootti demanii lallaban kana gargaaraa turte, garuu haala naannoo irraa kan ka’e, Gaayos obbolota isaanis Yesuus kiristoosiin beekuu, tajaajiluu fi jaallachuu isaanii irraa kan hafe waa’ee isaanii hin beekne kana kophaa isaa gargaaraa ture.

Lakk. 6 “Waa’ee jaalala kee waldaa kiristiyaanaa duratti mul’isanii dubbataniiru,” Waldaan Efesoon durii yeroo waaqeffannaaf waliitti qabaman yeroo itti gabaasa warra ergamanii dhaga’an qabaachuun isaanii beekamaadha.

MATA DUREE ADDAA: WALDAA KIRISTIYAANAA (EKKLESIA)

Jechi afaan Giriiki Ekklesia jedhaman jechoota “keessaa” fi “waamaman” jedhan irraa dhufe, kanaaf jechi kun warra waaqayyoon waamaman agarsiisa. Waldaan durii jecha kana itti fayyadama dhimma amanti wal hin qabanne irraa (cf. HE 19:32,39, 41) fi sababii macaafni kakuu moofaa hiikaan afaan Giriiki jecha kana “waldaa” Isra’elotaa ibsuuf gargaaramuuf (Quhala, BDB 874, cf seera lakkoofsa 16:3; 20:4) fudhatte. Isaan akka sababa waaqayyoo warra kakuu moofaa irraa warra dhufaniif of lakka’uudhaan jecha kanatti dhimma ba’an. Isaan Israa’el ishee haaraa (cf. Rom. 2: 28-29; Gal. 6:16; Iphex. 2: 5, 9; Mul. 1:6) dha, kunis raawwatamu ergama waaqayyoo guutummaa biyya lafaaf qabuu agarsiisa (cf. Uma. 3: 15; 12:3; Ba’u. 19:5-6; Mat. 28: 18-20; Luq. 24: 47; HoE. 1:8).

Jechi kun wangeelotaa fi HE keessatti hiikaa garaagaraa qaba.

1. Wal-ga’ii magaalaa amantiin wal hin qabanne HE 19: 32, 39,41
2. Namoota Waaqayyoo warra kristositti amanan hundumaa, Mat. 16: 18 fi Efesoon.
3. Mana sagadaa amantoota kiristoositti amananii naannoo tokko jiru, Mat. 18:17; HE 5:11 (Lakkoofsa kana keessatti waldaa Yersaalem keessa jirtu)
4. Saba Israa’el walitti qabaatti, HoE 7: 38, Dubbii Isxifaanos keessatti.
5. Namoota waaqayyoo naannoo tokko jiran, HoE 8:3 (Yihuudaa ykn Phalestiina)

▣ **“gaarii hojjechuu keeti”** kun jechuma warra Giriicf.barreeffama warra Gibxii keessatti argamudha (“Moulton and Milligan, The Vocabulary of the Greek Testament” ilaali). Kunis “Adaraa/Maaloo” jechuudha (cf. HE 10:33).

▣ **“Karaadhaaf waan isaan barbaachisu”** kun jechama meeshaadhaan gargaaruu, kadhannaadhaan gargaaruu akkasumas wanta adeemsa warra hojii wangeelaa waan barbaachisu kennuufii agarsiisudha (cf. HE 15:3; Rom. 15:24; IQor. 16:6; IIQor. 1:16; Tiitoo. 3:13).

▣ **“Waaqayyoo duratti qajeelaa akka ta’utti”** kun gocha jalala guddaadhaan guute jechuudha (cf. Qol. 1:10; ITas. 2:12). Amantoonni hojjettoota wangeelaa akka isa isaan tajaajilan gammachiisutti gargaaruu qaba (cf. Efe. 4:1).

Lakk. 7

NASB, REB “ba’aniiru”

NKJV “fuuldurati ba’aniiru”

NRSV “adeemsa isaanii jalqabaniru”

TEV, NJB “ka’aniiru”

Xumurri baay’ee beekamaan kun:

1. Barsiisota sobduu waldaa keessaa ba’an warra IYoh. 2:19 keessatti caqafaman.
2. Raajota sobduu warra biyya lafaatti boba’an, Iyoh. 4:1
3. Warra wallanchisuuf biyya lafaatti boba’an, II Yoh. Lak. 7

4. Ergamoota warra dhuga baatuu ta’anii biyya lafaatti boba’an, III Yoh. Lak. 7



NASB “Maqichaaf jedhanii”
NKJV “Maqaa isaaf jedhanii”
NRSV “Kiristoosiif jedhanii”
TEV. “Kiristoosiin tajaajiluu keessati”
NJB “Guutummaan guutuutti maqichaaf jedhanii”

Kun fakkeenya jechi “maqicha” jedhu namummaa fi hojii Yesuus agarsiisuuf dhaabachuu isaa agarsiisudha. Rom 10:9; IQor. 12:3; Fil. 2:9-11), maqaa isaatiin dhifamuun cubbuu godhamaaf (IYoh. 2:13), akkasumas maqaa isaatiif hojjetu (cf. Mat. 10:22; 24:9; Marq. 13:13; Luq. 21:12, 17; Yoh. 15:21; 20:31; HE 4:17; 5:41: 9:14; Rom. 1:5; IPhex. 4:14, 16; Mul. 2:3).



NASB “Warra ormoota irraas homaa hin fudhanne”
NKJV “Warra ormoota irraa homaa hin barbaanne”
NRSV “Warra hin amanne irraa deggarsa utuu hin barbaadiin”
TEV “Warra hin amanne irraa gargaarsa utuu hin barbaadiin”
NJB “Wanta kamiif illee warra hin amanne irratti utuu hin hirkatiin”

Dubbiin kun dhuga baatonni kun akkuma Yesuus Mat. 10: 5-15 keessatti warra kudha lamaanitti, Luq. 10: 4-7 keessatti immoo warra torbaatamii lamaanitti dubbate waaqayyo akka waan isaan barbaachisu isaaniif kennu amanuu isaanii agarsiisa.

Kun dhuma jaarraa tokkoffaa keessa itti fayyadama jecha “Ormoota” jedhu isa warra amantii hin qabne yookiis amantoota hin taane agarsiisudha. (cf. Mat. 5:47; IPhex. 2:12; 4:3). Amantoonni hojii wangeelaa deggeruu qaba! Namni gargaaru lapheessaa mul’isa.

Bara Yohaannis keessa barsiisonni deemanii barsiisan baay’iin isaanii qarshiidhaaf yookis beekamtii argachuuf barsiisaa turan. Hojjettoonni wangeelaa waan dubbataniif utuu hin ta’in gooftaa isaanii isa ergama isaaf jedhanii aarsaa ta’aniif jecha gargaaramuu qabu ture.

Lak. 8 “nuuf in ta’a” kun gorsa yeroo baay’ee hamilee kakaasuuf gorfamudha (cf. Yoh. 13:14; 19:7; IYoh. 2:6; 3:16; 4:11). Jechi opheilo jedhamu jecha jechaan yeroo hiikamu liqin maallaqaa nama irra jiraachuu jechuudha, garuu asitti fakkeenyaan nama tokkoof dirqamni nama irra jiraachuu isa agarsiisuuf caqafame.

▣ **“namoota akkasii kana simannee gargaaruuf”** Manneen nyataa fi bultii yeroo sanatti dhimma ba’uu sammuufti waan hin tole waan turee keessummaa simachuun shoora murteessaa waldaa durii ture (cf. Mat. 25:35; Rom. 12:13; I Xim. 3:2; 5:10; Tito. 1:8; Ibr. 13:2; IPhex. 4:9).

▣ **“Dhugaa kana keessatti hidhata isaanii ta’uudhaaf”** Hojjettoota wangeelaa gargaaruudhaan amantoonni hojii amantii fi dhugaa isaanii keessatti qooda fudhatu. Kun qajeelfama wangeelaati! Kakuu haaraa keessatti qajeelfamni waa’ee kennaa kiristiyaanotaa dubbatu II Qor. 8-9 keessatti argama.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): Lakk. 9-10

⁹Ani waldaa kiristiyaanaatiif waan tokko caafeera; Diyotreefes inni geggeessituu ta’uu barbaadu immoo nu hin dhaga’u. ¹⁰Eгаа yoon dhufe, waan inni hojjetuu fi isa inni dubbii hundee hin qabneen maqaa Kenya balleessu hundumaa nan kaasa; kunumtuu isa ga’uu dinaan, ofii isaatii obboloota warra diidaa dhufan dhaga’uu dide; warra obboloota kana dhaga’uu barbaadan immoo dhowwee, waldaa Kiristiyaanaa keessaa in baasa.

Lakk. 9 “Ani waldaa kiristaanaaf waan tokko caafeera” kun ergaa Yohaannis isa duraa ykn isa lammaffaa yookiis immoo xalayoota badan agarsiisuu danda’a; karaa baay’eedhaan garuu ergaa Yohaannis isa lammaffaa agarsiisa. Mata duree addaa lak. 6 irra jiru ilaali.

▣ **“Diyotreefes geggeessituu ta’uu barbaada”** Kun jecha dachaadha, “geggeessituu ta’uu” (*proteup*) fi “barbaadu”. Kunis kakuu haaraa keessatti as duwwaatti argama, garuu jechi inni jalqabaa Qol. 1:8 kessatti waan hundumaa irratti isa jalqabaa ta’uu kiristoos ibsuuf gargaareera. Namichi kun isa jalqabatti “itti gaafatamaa waldaa jedhamee caqafame dha. Inni nama luba ture yookiis immoo akkasumatti nama ka’e ta’u isaa wanti beeknu hin jiru. Garuu, kun fedha keessa isaa jiru agarsiisa. Namni ofittoon akkasii bara hundumaatti waldaa kiristiyaanaa keessaa hin dhabaman! Nama Afuura hamaan geggeeffamu ta’uu isaa wanti caqafame hin jiru, garuu ta’uu danda’a (Gnostic)

Kitaabni “James Dunn, *Unity and Diversity in the New Testament*” jedhamu, fuula 392 keessatti Diyotreefesiin akka fakkeenya “barsiisa warra kaatolikii durii tti” (early Catholicism) ilaala.

“Caalaadhummatti, akkaataan Yohaannis ittiin ibse mormii seera mana qulqullummaa keessatti baramaa ture irratti ka’e ta’uun isaa amansiisaadha (fuula 129 f., Cf. akkasumas Ibrootaa fi Mul’ata Yohaannis §§31. 2,3). Akkasumas Xalayoonni Yohaannis waan barmaatilee warra kaatolikii (Catholicism of Ignatius) mormaa fakkaatu (‘qoricha akka namni hin dune godhu’- Eph. 20:2) (§ 41 ilaali). Hunda caalaa kan namatti tolu garuu dubbii “Maanguddichi” III Yoh. 9f keessatti Diyotreefes irratti dubatedha. Yoo xinnaatee xinaatte Diyotreefes waldaa kana mul’inatti to’atee ture. Inni kiristiyanota keessumummaaf dhaqan sana duwwaa sammachuu dide utuu hin ta’iin, warra isa dura dhaabatanis waldaadhaa ari’eera. Karaa biraa Diyotreefes akka phaaphaasota abaa irree ta’anitti hojjetaa ture (cf. Inatius, Eph. 6:1;7:2; smyrn, 8:17). Akkasumas barbaachisummaa fi human kutaa macaafa qulqulluu “maanguddichi” barreesse kanaanis mormaa ture. Karaa biraa III Yohaannis maddi isaa I Yohaannis fi II Yohaannis wajjin akka tokko ta’etti yoo fudhatame, akka yaada barsiisa warra kaatoliikii isa dhaabbataa fi nama dhuunfaa irratti hundaa’een mormuutti ilaalama”

▣ **“Nu hin dhaga’u”** Diyotreefes aangoo ergamummaan Yohaannis tufachuu duwwaa utuu hin ta’iin, qajeelfama ergamootaa tan mormaa ture, warra isa hordofan irrattis haaloo ba’aa ture!

Lakk. 10 “Yoo” kun hiima haala kutaa sadaffaa kan ibsudha.

▣ **“Waan inni hojjetuu fi isa inni ... maqaa keenya balleesu hundumaa nan kaasa”** Yohaannis mul’inatti fedha nama kanaa (cf. Lak. 9) fi hojii isaa (cf. Lak. 10) ifa baasuu barbaade.

1. NASB “dubbii hundee hin qabneen, jecha hamaadhaanis isa inni maqaa nu balleesu”

NKJV. “ta’e jedhee dubbii hamaadhaan nu irratti ka’u”

NRSV. “Nu irratti maqaa balleessii sobaa facaasee”

TEV. “Waa’ee keenyaaf wanta hamaa inni dubbatu fi soba inni dubbatu”

NJB. “Maqaa ballessii jal’inaa inni nu irratti tamsaasaa jiru”

2. “inni mataan isaa obboloota hin simanne”

3. “warra kana raawwachuu barbaadanis ni dhorka”

4. “Inni waldaadhaan isaan ari’ata”.

Namni kun ilaalcha namaa argachuu barbaada, yaada isaas eenyuun illee hin mari’atu. Nama isaan waliin hin galle yookis walii hin galu jedhee yaadus waldaa keessaa baasa ture.

▣ **“Waldaa Kiristaanaa keessaa in baasa”** xumurri ulfaataan kun (*ekballō*) Yoh. 9:34, 35 kessatti namichi jaamaan yesus fayyise sun mana qulqullummaa keessaa gadi baafamuu isaa agarsiisuuf gargaareera.

Akkasumas Yoh. 12:31 keessatti seexanni gatamuu isaa agarsiisa.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): Lakk. 11-12

¹¹Yaa michuu koo! Waan hamaa hin akkeessiin waan gaarii akkasii malee, namni waan gaarii hojjetu, kan waaqayyooti, namni waan hamaa hojjetu waaqayyoon hin argine” ¹²Namoonni hundinuu, waa’ee Demeexrosif waan gaarii mul’isanii in dubbanna, atis inni nuyi mul’ifnee dubbannu kan dhugaa akka ta’e in beekta.

Lakk. 11 “Waan hamaa hin akkeessiin” kun gocha jalqabee jiru dhaabuu agarsiisa. Namoota fakkeenya nuuf ta’an sirriitti hubachuu fi filachuutu nu irraa eegama. Namoonni kun namoota Kiristiyaanaa waldaa keessatti bilchaatan ta’uu qabu. (cf. II Tas. 3:7, 9; Ibr. 6:12;13:7). Demeexros fakkeenya gaariidha, Diyootreefes immoo fakkeenya gadheedha.

▣ **“Namni waan gaarii hojjetu, kan waaqayyoti”** Xalayoosni Yohaannis Kiristiyaanota madaaluuf qormaata sadii qabu. Kunis qormaata abboomamuu agarsiisa (cf. I Yoh. 2:3-6, 28-29; 3:4-10; 5:18; II Yoh.6). Yaadonna qormaata hafan lamaan agarsiisunis jiru: (1) Barsiisa amantii (Lak. 3-4) fi (2) Jaalala (Lak. 1-2,6)

▣ **“Namni waan hamaa hojjetu, waaqayyoon hin argine”** Barsiisonni sobaan waaqayyoon beekna jedhu, garuu jireenya waaqayyoon hin fakkaanee fi jaalala hin qabne jiraatu. Kunis warra fayyinni amantii irratti duwwaa malee jireenya guyyaa guyyaa irratti hin hundaa’u jedhanii fi warra fayyinni dhokaa dhugaa Afuuraa beekuu irratti malee jireenya har’aa borii irratti hin hundaa’u jedhan calaqisiisa.

Lakk. 12 “Demeexrosiif waan gaarii mul’isanii in dubbatu” kun xalayaa Yohaannis Gaayosiif yaada hiruu waa’ee Demeexros isa xalayicha (III Yoh) gara Gaayos geese jedhee amanamuu barreesse fakkaata. Xalayoota yaada gorsaa of keessaa qaban kan biroodhaaf, HE.18:27; Rom.16:1; IQor. 16:3; IIQor.3:1; 8:16-24; Qol. 4:10 ilaali).

▣ **“Ija dhuga durattis”** Dhugaan (Mata duree addaa 6:55 fi 17:3 irra jiru ilaali) akka qaama biraa Demeexrosiif dhugaa ba’uutti caqafame.

▣ **“Kun dhugaa akka ta’e in beekta”** Yohaannis ofii isaatii Kiristoosiif dhugaa baatuu amanamaa ta’uu isaa dubbataa jira (cf. Yoh. 19:35; 21:24).

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): Lakk. 13-14

¹³ Kanan siif caafe illee waan baay’ee qaba; garuu biiriidhaa fi qalamiidhaan siif caafuu hin barbaadu. ¹⁴Afaaniin walii wajjin akka haasofnuuf dafee si arguu nan abdadha.

Lakk. 13 Kun II Yoh. 12 wajjin baayee wal fakkataa dha.

BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA): Lakk. 15

¹⁵Nagaan siif haa ta’u, firoonni kee nagaa siif ergu; tokkuma tokkoon maqaa dha’iitii firoota keenyaatti nagaa nuuf himi!

Lakk. 14 “Nagaan siif haa ta’u” kun jecha Ibrootaa shalom jedhamu agarsiisa (cf. Luq. 10:5). “Heloo” yookiin “nagaatti” jedhuu ta’uu danda’a. dhabamuu rakkoo duwwaa utuu hin ta’in eebbi Waaqayyoos jiraachuu agarsiisa. Kunis dubbii Yesuus du’aa ka’uu isaa boodde jalqaba kutaa gara olii keessatti dubbatedha. (cf. Yoh. 20:19, 21, 26). Phaawulosii (cf. Efe. 6:23) fi Pheexiroos (cf. I Phex. 5:14) lamaan isaanii iyyuu yeroo namoota waaqayyoof kadhatan dubbii kana dhuma irratti ittiin xumuru.

▣ **“Maqaa dha’iitii”** Kun jechama tokkoo tokkoo namaaf nagaa hoo’aa dhi’eessuu agarsiisudha. Barreeffama warra Gibxii durii keessatti baay’inaan argama.

GAAFFILEE MARI

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.HE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.

1. Gaayosii fi Diyoxreefes sababii isaan walii isaaniitti hin dubbanne irratti yaadrimee baay’etu jira. Yaadota kana keessaa muraasni;

- a. Sababii akka barumsa macaafa qulqulluutti dhiyaatu.
- b. Sababii akka hawaasummaatti dhiyaatu,
- c. Sababii akka kutaa macaafa qulqulluutti dhiyaatu,
- d. Sababii yaada sammuun wal qabatu.

Tokkoo tokkoo yaadota kanaa ibsi, akkamitti akka isaan ergaa Yohaannis isa sadaffaa wajjin wal qabachuu danda'anis ibsi.

2. Ergaan Yohaannis inni lammaffaa fi sadaffaan akkamitti wal qabachuu danda'u?
3. Qormaatota sadan Kiristiyaanummaan ittiin madaalamu warra I Yohaannis keessatti caqafamanii II Yohaannis fi III Yohaannis keessatti irra deebi'aman tarreessi.

HAAFAA TOKKOFFAA

Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisani ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA

- A. Henna ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
 - 1. Henna sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
 - 2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.
- B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
 - 1. ta'eera = AORIST
 - 2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
 - 3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
 - 4. ta'aatti jira = PRESENT
 - 5. ta'eetti jira = IMPERFECT
 - 6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenya qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fiixee agarsiisa.

- 1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
- 2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
- 3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
- 4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)
- C. Henna gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktoonni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne" dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?
 - 1. Henna sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
 - 2. PLUPERFECT HENNAA TENSE
Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)

3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman ... ni ..." (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

- A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochima fi abhimaa gidduu jiru ibsa.
- B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.
- C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.
 1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
 2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
 3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
 4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.
- D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochima hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo (clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf
 1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
 2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
 3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

- A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATIVE, fi OPTATIVE)
- B. Muudiiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessatti ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.
- C. Muudiiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingiliffaa keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.
- D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a. (optave) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.
- E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'et gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sadaffaa keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.
- F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjective) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingiliffaa hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakerin bareeffame asitti ni gargaara.

- G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.
- IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknaaf
- Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
 - Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
 - Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
 - Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
 - Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

V. MAQOONNI

- Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.
- Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu
 - Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
 - Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingiliffaa "of" jedhuun ibsama.
 - Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaan, ykn sadarkaadhaan. Durgala afaan Ingiliffaa "from" jedhuun ibsama.
 - Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Durgala afaan Giriik "to" beekkama.
 - Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingiliffaa "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
 - Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingiliffaa "by" "with" ibsama.
 - Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
 - Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee

- Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha (hima fi buufata) gudunfu. Hafuunsanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.
- Amma asitti hiikkaan walitti qabsiiftuu fi walitti gudunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.
 - Gudunfituu yeroo
 - epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
 - hoes – "wayita"
 - hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
 - hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"
 - priv (infin) – "dura"
 - hos – "egaa" "yoom" "akka"
 - Gudunfituu amansiistuu(logical)
 - akeeka
 - (1) hina (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf' "sun"
 - (2) hoste (articular accusative infinitive) "sun"

- (3) *pros* (articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne) ykn eis articular accusative infinitive “sun”
- b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira)
- (1) hima (hin lakka’amu, beekkama) – “akka sanitti” “kanaaf”
 - (2) hima (dhim) – “sanaafu”
 - (3) *ara* – “egaahoo”
- c. Sababa
- (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – “fi” “sababa”
 - (2) *dioti*, hotiy – “sabab”
 - (3) *epei*, epeide, hos – “eega”
 - (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjin) “sababa”
- d. goolabbii
- (1) *era*, poinun, hoste – “kanaafuu”
 - (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) “kanarratti” “eessarratti” “kanaafu”
 - (3) *oun* – “Kanaafuu” “egaa” “achii” “itti aanee”
 - (4) *tanoun* – “akka kanatti”
- e. faallina ykn fuggina
- (1) *alla* (faallina jabaa) – “garuu” “malee”
 - (2) *de* – “garuu “haata’uti” “ammalle” “gama biraan”
 - (3) *kai* – “garuu”
 - (4) *mentoi*, *oun* – “haa ta’utii”
 - (5) *plen* – “yoo kan malee” (keessattu Luqaas keessatti
 - (6) *oun* – “haa ta’uuti”
- f. morkii
- (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
 - (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
 - (3) *hosos* (Ibroota keessa)
 - (4) *e* – “achii”
- g. fulla’iina ykn fufina
- (1) *de* – “fi” “amma”
 - (2) *kai* – “fi”
 - (3) *tei* – “fi”
 - (4) *hina*, *oun* – “sun”
 - (5) *oun* – “achi” (yohaannis keessatti)
3. fayyadama xiyyeeffannoo
- a. *alla* –
 - b. *ara* – “dhugaati”
 - c. *gar* – “garu dhugaati,” dhugaatti
 - d. *de* – “dhugaatti”
 - e. *ean* – yoo dhibe
 - f. *kai* – “yoo dhibe” “dhugaati” “dhugumati”
 - g. *mentoi* – “dhugaatti”
 - h. *oun* – “dhugumatti” “waan hundatti”

VII. Hima Haalaa

- A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka’umsa gochaa gochima itti ta’uu fi ta’uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.
- B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf “yoo” dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti “eega” jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta’uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia’nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)
- C. Haallima sadarkaa lammata “dhugaatti fuggina” jedhama. Waan dhugaa hin ta’iin agarsiisa. Fkn

1. “yoo dhugumatti inni raajii ta’e, mitiif malee, waa’ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne.” (Tes 7:39)
 2. “yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone” (Yoh 5:46)
 3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta’ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta’e kana hin t’auun ture” (Gal 1:10)
- D. Sadarkaan sadaffaa gocha fulduratti ta’uu danda’u ni dubbata. Carraa ta’uu danda’uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta’e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima “yoo” keessatti gochichaaf carraa ta’a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16
- E. Sadarkaan afaaffaa carraa ta’uu danda’uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta’ee, Haallimni sadarkaa afaaffaa guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afaaffaa gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afaaffaa gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

- A. Present imperative meparticli gocha ta’aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn “duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa...” (Matt 6:19) “waa’ee jireenya keesani yaaduu dhaabaa...” (Matt 6:13) “Nafa qaama keesani meeshaa cubbuu gootani dabarsitani hin kenninaa...” Rom 6:13” Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa...” (Efs 4:30) “dhuganii machaahu dhaabaa...” (5:18)
- B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo “gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin” kan jedhu qaba. Fkn muraasni “Tilmaamu hin eegaliin...” (Matt 5:17) “hin shakkinaa... (6:31) “hin qanaaftani... (2Xim 1:8)
- C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha “gonkuma, yomumaa” ykn “haaluma kamiinuu” fkn “bara baraan hin du’u” (Yoh 8:51) “matuma ani” (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

- A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa’aa “the” faayida afaan Ingiliffaan walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa “agarsiisumma” gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta’o dabale kan fayyadu.
1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
 2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
 3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha” (Yoh 4:24) “Waaqayyo ifadha” 1Yoh 1:5 “Waaqayyo jaalaladha.” 4:8,16.
- B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa maqmaxxan ‘a’ fi ‘an’ hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun
1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta’e
 2. xiyyeeffannoo garee waan ta’ee jechuudha.
- C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessittonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

- A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessittonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.
- B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta’in ta’uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si’a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti

1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
 - a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
 - b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa’ibsiisa jedhe yaade
 - c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.
2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa’in jira. Haa ta’u kan amma jiru
 - a. gochima liqimsaaf
 - (1) gochima
 - (2) matiima
 - (3) complementii
 - b. Gochimaaf

- (1) gochima
 - (2) matiima
 - (3) aantima
 - (4) aantimeen
 - (5) Durgaala gaalee
- c. Maqaadhaaf
- (1) maqaa
 - (2) kan haaromsan
 - (3) durgalee guutoo
3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
- a. “anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan” (Gal 2:9) Gaaliin “harka mirgaa” duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda’ama.
 - b. “Kiristoos wajjin” (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
 - c. “Karaa heddu kuta kutaan ture” (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul’ata miti.
- D. Akkuma beekamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
1. irra deddeebi’iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin ... (Matt 28:20)
 2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
 - a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
 - b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
 - c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
 - d. 2Qor 12:20 (xiyye kenneefira)
 3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi’ii jechootaa fi gaalee fkn “ulfina galatasaa” (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
 4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
 - a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka “ciisee” bakka buusa, du’aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn “miila” qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
 - b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka “Mootummaa Waaqayyoo” (Matt 3:21) ykn “sagalee jannataa” (Matt 3:17) bakka bu’a.
 - c. Fakk dubbii
 - (1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
 - (2) himootarratti laafaa ta’a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
 - (3) namoomsa (1Qor 15:55)
 - (4) cigoo (Gal 5:12)
 - (5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
 - (6) sagalee jechoota giddu taphatu
 - a. “waldaa”
 - i. waldaa (Efs 3:21)
 - ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
 - iii. yaamame (Efs 4:1,4)
 - b. “walaba”
 - i. dubartii walaba (Gal 4:31)
 - ii. bilisumma” Gal 5:1
 - iii. walaba Gal 5:1
 - c. Akka dubbii – afaan aadaa ta’ee addumma kan qabu
 - (1) itti fayyadama fakki “soora” (Yoh 4:31-34)
 - (2) itti fayyadama fakki “mana sagadaa” Yoh 2:19; Matt 26:61)
 - (3) akka dubbii Ibrtootaa “jibba” (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
 - (4) “Hunda” fi “baayye” Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.
 5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn “Yesuus Kiristoos gooftaa”

6. Faayidaa addaa autos
 - a. Yeroo maqmaxxan wajjinii “sanuma” hiikkama
 - b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama “isa mataasaa” “isii mataasii” ykn “isa mataasa”
- E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda’a.
 1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechoota barruu afaan Giriiki fi afaan Ingiliffaa
 2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingiliffaa walbira qabani ilaaluu. Fkn “jechaa jechatti” morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi “gita addaan” wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. “The Bible in Twent- six Translation” jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
 3. Ittifayyadama “The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
 4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
 - a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
 - b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo’achuun nuffisiisa ta’uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta’utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda’an akka gargaaru abdiidha. Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda’uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

HAFAA LAMMATAA QEEQA QABIYYEERRAA

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

- I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
 - A. Kakuu moofaa
 - B. Kakuu Haarawaa
- II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii “qeeqa jalaa” ykn qeeqa qabiyyee” jedhamee yaamamu.
- III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniiidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa

A. Kakuu Moofaa

1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaaffaa keessa itti dabalammu eegalan, DB jaarraa saglaaffaa keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
2. Septuagint (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun “Xalayaa Arizteez” irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta’e barruu Ibroota biro irratti hundaa’e.
3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii “Eseensi” jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaaloota naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
4. Fkn muraasni hiiktoonni akka kakuu moofaa walbira qabanii ilaaluu danda’an gargaaraniiru.
 - a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
 - (1) LXXn Isa 52:14 “akka baayyonni itti dinqaman”
 - (2) BMn Isa 52:14 “akka hayyoonni sitti gammadan”
 - (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
 - a) LXX “sabni baayyeen itti dinqamu”
 - b) BM “Saba baayyetti ifa calaqqisa.”
 - b. MDS hiiktoonni fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
 - (1) MDS Isa 21:8 “Achi raajichi ni iyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadheraa
 - (2) BM Isa 21: “ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
 - c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
 - (1) LXX fi MDS “ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa.”
 - (2) BM “ciiniinsuu lubbuusaa... ni arga, ni gammadas”

B. Kakuu Haarawaa

1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta’an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta’u Paapirus irratti barreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagalaffaa (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta’u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta’uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.
2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta’an golwaa durii keessa kaa’amnii jiru. Gariini jarraa lammaffaa D.B kan qaban yoo ta’u irra guddeessi jaarraa sadaffaa fi afaaffaa DB ta’uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta’aniifu garaagarummaa muraasa ni qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.

3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afraffaa Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shanaffaa, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afraffaa Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shanaffaa yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shanaffaa ykn jahaffaati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirma.
 - a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
 - (1) P⁷⁵, p⁶⁶ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
 - (2) P⁴⁶ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
 - (3) P⁷² (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
 - (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
 - (5) Barru kanarra Origen waraabe
 - (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
 - b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
 - (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
 - (2) Waraabbi Iraantaa
 - (3) Waraabbi hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
 - (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
 - c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
 - (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
 - (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
 - (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
 - (4) Kodeeksi B (jaarrra saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
 - d. Gosti afraffaa "Qeesaariffa" Filisxeema'raa
 - (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
 - (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"

A.

1. Akkamitti garaagarteen dhalatee
 - a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
 - (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
 - (2) Libsuu sammun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
 - b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
 - c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna, a hirmsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmsa jechoota giddu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.
2. ? Itti yaadamee
 - a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
 - b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)
 - c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
 - d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)
 - e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

- B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)
1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
 2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
 3. barruun dulloomaa ulfina qaba. Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
 4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
 5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
 6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
 7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
 - a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism” “Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha” 9ful 68)
 - b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, “hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti” jedha Kiriisweel.

Kirisweel akki jedhu “ani guddoo qeeqa barruutti nin amana. Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti ... hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru. Abbaan ta'e itti dabalee...”

Paatriyaarki SBC kan inni himatu” itti makoon” Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha. Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa. “ilaalcha addaa of wareegati” akka Kiriisweelti” yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata. Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira” Kiriisweel kan dabale, “Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha. Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha. Addaafi giddu...”

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)

- A. Dubbifata dabalaaf
1. Biblical criticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
 2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
 3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

HAFAA LAMMATAA

HIKA JECHOOTAA

Addoption(Mucummaa). Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta’u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha’a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu’ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta’u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu’uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenya ta’een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta’umsa tokko tokkootiin (cuubaadhaa fi du’aa ka’uumsaan) ilma mataa isaa akka ta’eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8ffaa tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta’e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta’e agarsiisa.

Waaqa kan ta’e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta’e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkamiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga’uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta’een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta’a.

Aleksanderya scholl (Barsiisa Aleksanderiyaa). Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 ffaa tti kan jalqabameedha. Bu’uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta’u duuka buutuu isaa kan ta’e kan Plaato fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta’innaa?* Isa jedhu dubbisi (bara harraaraa 1987)

Alexandrinus (Aleksanderinus). Kun jaarraa 5ffaa Aleksanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta’u, keessa issatti kakuu moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa kakuu haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa “A” kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa “B” kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

Allegory (carraaqii hiika dhokataa baruuf taasifamu). Hiiki Kitaaba Qulqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal’ate Aleksanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksanderichaatiin. Fedhiin bu’uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa’oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa’oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maatewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenya kan qabuu utuu hin ta’in bifa hoog barruu kan qabatedha.

Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa) Kun tooftaa qo’annoo isa tokkoffaa yeroo ta’u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa’uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa’uudhaan seerluga kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa’oo) Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta’ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta’e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa’e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu’uura ta’een walitti dhiyeessuun kaa’uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta’e). Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta’u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta’an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta’e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

Anthropomorphic () hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta’u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Giriikii irraa dhufe yeroo ta’u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa’ee Waaqayyo kan dubbannu

loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma ba'uuf akka dandeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsa nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

Antiochian school (barumsa Antsokotaa). Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3ffaatti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lammaffaa ijaaramudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

Antithetical (kan faallaa). Kun sadii keessaa gosa isa tokkoffaa kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

Apocalyptic litireture. (hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreeffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhuma kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugeessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeeniyota kanaa tokko tokko tokkoffaa Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu) kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

Prior (isa duraa). Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

Arianism. (Ariyoosummaa). Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxiitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 ffaa fi 4ffaatti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'ura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

Aristotle. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u barataa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeeffannoo waan kennedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

Autographs. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennamedha. Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru. Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha. Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

Bezae. Kun jaarraa 6ffaatti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha. Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha. Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii

King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiin is akka ka'umsaatti garagaarera.

Bias (gama tokkoof looguu). Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii micirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

Biblical Authority.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarsiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisuudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

Canon. Heera.Jechii kun barreffamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreffamoota kakuu Moofaa fi kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

Christocentric (Giddugaleeffama Kiristoos). Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarsiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarsiisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

Commentary. (Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreffamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anuu, kaan ammo haala teekniikaa barreffamichaa irratti xiyyeeffatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituuwwaan adda addaa eejeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

Concordance.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo'achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta'an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta'an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibrayisxii ykn kan Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta'u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi'amee akka itti fayyadamanii fi Macaafota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

Dead Sea Scrolls.(Barreffamoota galaana du'aa keessatti), kun kan inni agarsiisuu barreffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliizii fi Afaan Araamiyikiitiin barreffaman. Bara 1947 ti galaana du'aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta'an, kutaa Yihuudii kan ta'an jaarraa tokkooffaa keessa kan turaniidha.Bittaaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60^{ffaa} keessa kan gaggeeffaman loollii inaaffaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta'uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreffamaa sun, Filixeemootaa jaarraa tokkooffaa keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreffamoota 'maasooretikii' jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis 'DSS' Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.(Barreffamoota galaana du'aa)

Deductive. Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka'uun isa ibsuudha 'inductive' isa jedhamee beekamuu irraa adda ta'eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal'aatti deemuudha.

Dialectical(Diyaalektiikaalii). Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta'an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo'atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa'eedhaaf-fedhii bilisa ta'e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

Diaspora(lammii biyya ormaa jiraatu). Jechi kun jecha Giriikii yeroo ta’u Yidinni biyya Kana’aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

Dynamic equivalent: (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta’u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingiliffaa tokko Ibiroota irraa yookiin Giriikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta’u yeroo ta’u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka’umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa’een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa “Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu” Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaludhaan kan ta’e filachuu). Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta’uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga’uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Giriikii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

Eisegesis. Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali’naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba’e yoo ta’e “eisegesis” immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay’inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

Etymology (sayinsii waa’ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo’atu). Kun qo’annoo madda jechaa yeroo ta’u ka’umsi isaa maal irraa akka ta’e qo’ata. Hundee jechaa irraa ka’uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti). Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta’een yoo sakattaa’ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

Genre. Kun jecha Faransayii yeroo ta’u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

Gnosticism. Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 ffaa keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yeroo ta’an yaadi isaa garuu jaarraa 1ffaa yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2ffaa Ginostikis, 1ffaa waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta’an tokkoffas lammaffaas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta’u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta’e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2ffaa Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta’u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3ffaa Yesuus kan ba’e akka YHWH yeroo ta’u sadarkaan isaa garu kan ol ta’ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta’e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta’uu isaa Yesuus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta’uu h in danda’u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4ffaa fayyinni argamuu kan danda’u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta’e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga’uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan wal jifatan kaa’aa. 1ffaa haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2ffaa kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya’adhaafis xiyyeeffannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa’u.

Hermeneutics. (Hermeneuticsii). Jecha teknikaa yeroo ta’u exegesisiiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta’e qajeelfama murtaa’aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa’e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu

gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

Higher Criticism. (ajjiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

Idiom (jechama). Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa “kan gadhee gariidha”, “na ajjeefte” kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

Illumination (Ibsa). Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e). kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

Interlinear. Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingiliffaa jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

Inspiration(yaada ka'umsaa). Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

Language of description (afaan ibsaa). Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

Legalism (seera qabeessummaa). Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaanefannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

Literal(hiika barreeffamaa). Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

Literary genre (gosa barreeffama). Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e). kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnaawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

Lower criticism (ajjiifannoo gad aanaa). **Textual criticism** (barreeffama ajjiifannoo) kan jedhu ilaali.

Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame). Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee “MS” qeentee “MSS” lakkoofsa baay'ee jedhamu.

Masoretic text (barreeffama Maasoretii). Jaarraa 9ffaatti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaatiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingiliffaa kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan

mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

Metonymy. Kutaawwan dubbii ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii). Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4ffaa kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

Natural revelation(mullata uumamaa). Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuura kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saayinsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

Nestorianism (Nisxrummaa). Nisxiroos jaarraa 5ffaa keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkoffaan guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allegorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

Original Author (barreessaa jalqabaa). Kun kan agarsiisu barreessitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

Papyrus (Pappirasii). Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

Parallel passage (bukkaa waan dubbifamu). Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guutuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman (passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu). Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingiliffaa afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuaartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

Paragraph (keeyyata). Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

Parochialism(yaada dhiphinaan). Kun kan agarsiisu loogiiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuura fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

Paradox(yeroo dhaga’an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta’uu waan danda’u).

kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta’u (ni ta’u hin ta’an) ergaa jedhu kan qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta’e irraa deemudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga’uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa’anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

Plato (Plaatoo). Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Aleksaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara “yaadawwan/boocawwan” jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

Presupposition(tilmaammii duraanii). Kun waa’ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay’ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa’ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekamtummaa duraa jedhama.

Proof texting. Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa’oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta’e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluuudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa). Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji’amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeffanna amantii Yihudootaa ta’uu danda’an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa’oo bakka itti qo’atan ta’uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta’aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen “amantii barreeffamaa”jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaati Yerusaleem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta’uu danda’uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to’achuu danda’eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta’e mala fayyaddamuun Talmuudii ibsuudha.

Revelation(mul’ata). Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennameedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka’umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta’an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka’umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa-hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa’ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

Semantic field (Dirree xinhiikaa) kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

Septuagint. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Giriikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatti barreeffame, mana kitaabaa Aleksaandeeriyya Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kiristoos dura jaarraa lammaffaa keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas “LXX” jedha.

Sinaiticus. Kun barreeffama Griikii jaarraa afuraffaati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa “« *aleph* » [א] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

Spiritualizing(kan hafuura taasiisu). Jechi kun Aliigoriis isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa’uun hiika.

Synonymous (moggoyyaawaa). Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu’u). jarri maarree baay’ee walitti dhiyaachuu danda’u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu’uu danda’a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda’a. Akka yaada kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta’nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

Syntax (xinhima). Kun jecha Griikii ta’e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa’aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha.

Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu). Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa’ee toora walalooowanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama “climatic” jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

Systematic theology. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta’uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota kiristaanummaa kan hafuuraa ta’an gita gitaan taasisuun fakkeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

Talmud(Taalmudii). Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa’aan (Palestinian).

Textual criticism. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo’achuudha. Qo’annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta’uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda’ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga’uudha. Yeroo heedduu “qoranno isa gad aanaa” jedhama.

Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa). Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta’e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha “barreeffamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhachuudha.” Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay’ee kann fayyaduu kan ta’an barreeffamoota Griikii durii sadan (kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta’an qabatee jira. Ta’us garuu A. T. Robertson barreeffama isaa keessatti ammas akkas jedheera “barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa’anii darban waantota heedduu barbaachisoodha.” jeddheera (fuula 21). Barreeffamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sadaffaa kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa’eefis bu’uura guddaa ta’eera.

Torah (Tooraa). Kun jecha Ibrootaattin “barsiisuu” jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta’eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

Typological. Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenya ta’uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Aleksaanderyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu haaraa keessa kan murtaa’an irratti ta’uu qaba.

Vaticanus (Vatikanus) kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ffaati. Mana kitaabaa Vatikaan keessatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaabota Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota

Appookiriffaa (kitaabota kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2ffaa Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay’ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan “B” kennameefiiti.

Volgate. Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kiristaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu’uuraa yookiin kan “gamtaa” taera. Kan inni qophaa’es bara haraaraa 380tti ture.

Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa). Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba’aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii fakkeenya fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba’umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuuffaa irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa Waaqessuu yeroo ta’u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keessatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta’anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta’e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta’e irratti xiyyeeffatu.

World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa). Kun jechoota waliin deemaniidha.

Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi “bifa biyya lafaa” kan inni ilaallatu “akkamiin dhaan” garuu immo “ilaalcha biyya lafaa” kan jedhu immoo kan inni wajjin demu “eenyu” kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay’ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa’ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

YHWH. Kun Kakuu moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba’uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima “ta’uuf” sababan kan agarsiisu yeroo ta’u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis “gooftaa” kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingiliffaatiin kan jijjiiramedha.

HAFAA AFRAFFAA BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kootii ni argamu.

1. Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine, abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyoo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkodu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyoo tokkicha.

3. Waaqayyoo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyoo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyoo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaatiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5. Waaqayyoo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kenna dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdi Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fi cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyoo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan, darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kenna hafuura yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyoo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmeeta kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuura isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

"Barbaachisoo irratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."